***ATI** MACAAFA QULQULLUU HUBACHUU NI DANDEESSAA!*

# Luuqaas Abbaa Seenaa:

# Hojii Ergamootaa

BOB UTLEY

Profeesora Hermenetiksii

(Hiika Macaafa Qulqulluu)

*QAJEELEFAMA IBSITUU QO'ANNOO WALITTI FUFIINSAA*

*KAKUU HAARAA, Jildii 3B*

BIBLE LESSON INTERNATIONAL, MARSHALL, TEXAS

1998

Kan irra deeb'ee ilaalme 2008

# BAAFATA


Ergaa barreessaa:ibsiistuun kun akkamitti si gargaara?..........................................................i

Qajeelcha dubbifannaa kitaaba Qulqulluu Dhugaa mirkanaaf barbaacha matayyaa………………..iii

Seensa Hojii Ergamootaa……………………………………………………………………………………………..1

Hojii Ergamootaa 1……………………………………………………………………………………………………..9

Hojii Ergamootaa 2……………………………………………………………………………………………………28

Hojii Ergamootaa 3……………………………………………………………………………………………………62

Hojii Ergamootaa 4……………………………………………………………………………………………………80

Hojii Ergamootaa 5……………………………………………………………………………………………………99

Hojii Ergamootaa 6…………………………………………………………………………………………………118

Hojii Ergamootaa 7…………………………………………………………………………………………………..127

Hojii Ergamootaa 8…………………………………………………………………………………………………..145

Hojii Ergamootaa 9…………………………………………………………………………………………………..157

Hojii Ergamootaa 10…………………………………………………………………………………………………..174

Hojii Ergamootaa 11………………………………………………………………………………………………….187

Hojii Ergamootaa 12………………………………………………………………………………………………….197

Hojii Ergamootaa 13………………………………………………………………………………………………….207

Hojii Ergamootaa 14………………………………………………………………………………………………….225

Hojii Ergamootaa 15………………………………………………………………………………………………….237

Hojii Ergamootaa 16………………………………………………………………………………………………….249

Hojii Ergamootaa 17………………………………………………………………………………………………….262

Hojii Ergamootaa 18………………………………………………………………………………………………….278

Hojii Ergamootaa 19………………………………………………………………………………………………….290

Hojii Ergamootaa 20………………………………………………………………………………………………….302

Hojii Ergamootaa 21………………………………………………………………………………………………….314

Hojii Ergamootaa 22………………………………………………………………………………………………….325

Hojii Ergamootaa 23……………………………………………………………………………………………………….334

Hojii Ergamootaa 24……………………………………………………………………………………………………….342

Hojii Ergamootaa 25……………………………………………………………………………………………………….349

Hojii Ergamootaa 26……………………………………………………………………………………………………….355

Hojii Ergamootaa 27……………………………………………………………………………………………………….367

Hojii Ergamootaa 28……………………………………………………………………………………………………….377

Hafaa Tokkoffaa: Ibsaa Ifaa Jechoota Seerluga Griikii…………………………………………………………….385

Hafaa Lammataa: Qeeqa Qabiyyeerraa……………………………………………………………………………...392

Hafaa Sadaffaa: Hiika Jechootaa…………………………………………………………………………………………….395

Hafaa  Afraffaa:  Beeksisa Amntii…………………………………………………………………………………...404

## Mata Duree Addaa Baafata

*Keriiyigimaa* Barsiisa Waa'ee Mana Amantaa Durii, Seensa HoE fi 2:14………………………………5

Ol Bahiinsa,HoE 1:2……………………………………………………………………………10

Eenyummaa Hafuura Qulqulluu ,HoE1:2 ……………………………………………………….....11

Mootummaa Waaqayyoo, HoE 1:3…………………………………………………………………...14

Dumeessaan Dhufuu Isaa, HoE 1:7……………………………………………………………….18

Gabatee Maqaa Ergamtootaa, HoE 1:9……………………………………………………………..20

Dubartoota Yesuusii Fi Bartoota Isaa Waliin Godaana Turan!, HoE 1:14………………………………21

Lakkoofsa Kudha Lama, HoE 1:22………………………………………………………………25

Onnee (Garaa), HoE 1:24………………………………………………………………………26

Ibidda, 2:3…………………………………………………………………………………………30

Haala Kan Alkoolaa (Biqila) Fi Machii (Araada'uu)F Qabu, 2:13…………………………………...33

*Kiriyigma* (*Kerygma*) Waldaa Kiristaanaanota Durii, 2:14……………………………………………...35

Bara Kanaa Fi Bara Dhufuuf Jiru, 2:17…………………………………………………………………..37

Dubartoota Wangeela Keessatti, 2:17……………………………………………………………………..37

Hogbarruu Dhuma Biyyaa Lafaa, 2:19……………………………………………………………………41

Dhufaatii Isa Lammaffaa, 2:20………………………………………………………………………42

Maqaa Gooftichaa, 2:21…………………………………………………………………………………..43

Yesuus Nama Naazireet,2:22………………………………………………………………………..44

Abdii, 2:25………………………………………………………………………………………………46

Du'aan Eessa Jira?, 2:27……………………………………………………………………...…47

Sadan Tokkummaa, 2:32……………………………………………………………………………….50

Afaan Waaqayyoof itti fayyadamame, 2:32……………………………………………………..…50

Yaada Garaa Geeddarachuu, 2:38……………………………………………………………...…53

Cuphaa, 2:38……………………………………………………………………………………………...54

Hennaa Gochima Giriik "Ooluu" Ykn Fayyinaaf Gargaaran, 2:40…………………………………..56

Kononiyaa, 2:42……………………………………………………………………………………….58

Filannoo (Waaqayyoon Murtaa'e Fi Madaala Tiyooloojiif Barbaachisummaasaa), 2:47………..60

Kakuu, 2:47…………………………………………………………………………………..….60

Kennaa Horii (Rakkatootaaf),3:2……………………………………………………………….…..65

Ulfina,3:13…………………………………………………………………………………………68

Phanxos Philaaxos, 3:13…………………………………………………………………………….69

Isa Qulqulluu , 3:14…………………………………………………………………………………70

Qajeellummaa , 3:14……………………………………………………………………………….71

Gaggeessaa, 3:15……………………………………………………………………………………74

Amantii (Pistis [Maqaa], Pistivō [Xumura] Pistos [Addeessa], 3:16……………………………...74

Saaduqoota, 4:1……………………………………………………………………………………..82

Luboota Warra Angafootaa Fi Warra Biyya Seerratan, 4:5…………………………………………...85

Dhagaa Golee, 4:11……………………………………………………………………………89

Dibamuu Macaafa Quqlulluu Keessaa, 4:27…………………………………………………………..93

Ija Jabina (Parresia), 4:29…………………………………………………………………………...95

Baarnaabaas, 4:36……………………………………………………………………………………96

Hammeenyaa Dhunfaa, 5:3………………………………………………………………………101

Yaalii/Sirna Awwaalcha, 5:6………………………………………………………………………..103

Jechoota Giriikii Qoruu Bakka Bu'anii Fi Kan Isaan Ibsan, 5:9…………………………….....104

Waldaa (*Ekklessia*), 5:11…………………………………………………………………………105

Jinnii (Afuura Haamaa), 5:16…………………………………………………………………….107

Seexanoota Baasuu……………………………………………………………………………….109

Faarisoota, 5:34……………………………………………………………………………………113

Gamaliel, 5:34……………………………………………………………………………………..114

Harka Irraa Kaa'uun Wangeela Keessatti, 6:6………………………………………………………..123

Falmii Waa'ee Yeroo Seera Ba'uu Irratti Jiru,7:18…………………………………………………..133

Iddoo Itti Argama Gaara Siinaa,7:30……………………………………………………………136

Booca, 7:43…………………………………………………………………………………….139

Tolcha (Qoricha Namatti Gochuu), 8:9……………………………………………………..…149

Qulqulloota,9:13……………………………………………………………………………..…163

Ilma Waaqayyoo, 9:20………………………………………………………………………….165

Qulqullummaa, 9:32…………………………………………………………………………170

Raajii Kakuu Haaraa, 11:27……………………………………………………………………193

Kadhata Waliif Kadhatan, 12:5…………………………………………………………………200

Yaaqoob Durbii Yesuus, 12:17…………………………………………………………………204

Soomii, 13:2…………………………………………………………………………………..….210

Kaanoonii Ibraayisxii,13:15…………………………………………………………………..215

Mul'achu Yesuus Du'aa Ka'uu Booda, 13:39…………………………………………….……..219

Erguu (*Apostelloō),*14:4……………………………………………………………………...…..229

Barbaachisummaa Kaayyoo Ofii Galmaan Ga'uuf Jabaachuu, 14:22……………………………233

Siilaas, 15:22……………………………………………………………………………………...244

Mirgaa Fi Dirqama Kiristiyaanaa (Yaada Mataa Kootii: Rom Vol. 5 Irraa Kan Fudhatame), 15:29….245

Yesuusii Fi Hafuuricha, 16:6……………………………………………………………………253

Magaalaa Qorontoos, Seensa HoE 17 ilaali……………………………………………………….263

Magaalaa Qoroontoos yaada 18:1 irra jiru ilaali……………………………………………….…279

Magaalaa Eefesoon yaada 18:19 irra jiru ilaali…………………………………………………….285

Baleessaa Hojjetan Amanuu yaada 18:1 irra jiru ilaali…………………………………………….296

Qabiyyeewwan Gurguddoo Falmata Phaawuloos HoE 21:17……………………………………….319

Ilaalcha Hojii Ergamootaa 21:17 Haala Hiikaa Galumsaatiin ilaali…………………………………….319

Wareega Naazirootaa , 21:24……………………………………………………………………321

Abaarsa (Anthema), 14:23…………………………………………………………………………339

Eegduu Mana Mootii, 23:35………………………………………………………………………341

Heeroodisii Agriiphaa Isa Lammaffaa, Seensa HoE 25:13 ilaali……………………………………352

Beeriinsii, Seensa HoE 25:13 ilaali……………………………………………………………….352

“Dhugaa” Barreeffamoota Phaawuloos Keessatti,26,25……………………………………………..364

# ERGAA BARREESSAA: IBSIISTUUN KUN AKKAMITTI SI GARGAARA?

Hiikkaan kitaaba Qululluu walabaafi adeemsa afuuraan kan gargaaramee, yaada barreessitoota durii hubachuunergaan Waaqayyoo akka hardhas hubatamee hojiirra oolu kan xiyyeeffatamedha.

Adeemsi afuuraa baayyee murteessaa garuuu moo ibsuufis rakkisaadha. Waaqayyootti of gadhiisuufi banaa ta'u gaafata. Dheebotuu (1) Isaaf, (2) Isa beekuuf, fi (3) Isa tajaajiluuf jiraachu qabu. Adeemsi fedha godhachuu gaafata. Hiikkaa keessatti hojiin afuuraa, guddinaa, kiristaanonni jaboo akka Birootti waan hubataniif murteessaadha.

Adeemsa walabaa ibsuun salphaadha. Fedha dhuunfaa keenyaa ykn amantii keenyaa jala hingaliin qabiyyee wajjiin ifaafi madaalawaa ta'uun dirqama. Nuyi cufti keenya seenaadhaan haalaan qabamneerra. Eenyuyyu namni hiikaa qajeelaafi walabaa ta'ee hin jiru. Ibsituun kunis rakkina ilaalcha keenya hiikkaa iratti nu rakkisu hambisuu qajeelcha hiikkaa sadii dhiyeessitee jirti.

**Qajeelcha duraa**

Qajeelchi duraa seenaa yoomessa kitaabni qulqullu itti barreeffame qabachuufi haala seenaa barreessichaati. Barreessaan ka'umsaa kaayyoofi ergaa dabarfatu ni qaba. Qabiyyeen barreeffamichaa nuyiifi homaa jechuu miti akkuma barreessicha kaka'umsa argatee isa durii, duraa sani. Fedhiin isaa seenaa, miirama, aadaa ufiifi bu'uura keenya miti furtuudha. Hojmaanni cinaacha hiikkaa adda itti hin baanedha, garuuu hiikkaan sirrii hojmaata dursuu qaba. Qabiyyeen kitaaba Qulqulluu hiikkaa tokkoofi tokko qofa qabaachunsaa dirqama. Hiikkaan kuni fedha barreessaa kitaaba Qulqullu jalqabaa hoggansa afuuraan ergaa inni warra hardhaaf dabarsuu barbaadedha. Hiikkaan tokkitiin kun garuuu hojumaata hedduu haalaafi aadaa adda addaa keessatti qabaachuu ni danda'a. hojumaanni kun dhugaa giddu gala kan barreessaa duraa wajjiin wal dhuguu qaba. Kanaafu, ibsituun qajeelchaa qo'annoo kun kitaabooa kitaaba Qulqulluu tokkoo tokkoof seensa akka ta'uuf qophaa'e.

**Qajeelcha lammeesso**

Qajeelchi lamuu kun boqonnaa adda baasuufi. Kitaabonni kitaaba Qulqulluu ragaa kuufamaadha. Hojjettonni hiikkaa dhugaa tokko fudhachuun kaan ammoo hambisuuf mirga hin qabani. Kanaafuu, boqqonnoota jiran fudhannee hojii hiikkaa eegaluun dura yaada kitaaba qulqulluu walii gala huachuun barbaachisaadha. Kutaan, boqonnaan, buufaa ykn lakkoofsa waan kitaabni hin ta'iinidha jechuu miti. Hiikkaan yaada walii gala irra keessaa qabee gaa yaada kuaa gadit bu'aa deemuu qaba. Kanaafuu, isituun qajeelcha qo'annoo kun bartoonni caasaa kutaadha akka buufataan xiinxalan gargaaruuf kan qophaa'edha. Hiramsi buufataafi boqonnaa afuursa odoo hin taane yaada boqonnaa hubachiisuufidha.

Sadarkaa buufataati hiikuun – himaratti, jechamaratti kn jecharatti miti – yaada hiikkaa bareessaa kitaaba Qulqulluu ka'umsaa hordofuuf furtudha. Buufanni hima matooma ykn qabiyyee irratti bu'urawu. Jechii jechamniifi himnii kamuu buufata keessa jiru qabiyee gumoofte kanatti firmooma. Ni daangeessu, ni dagaagsu, ni ibsu, fi/ykn ni gaafatu. Furtuun hiikkaa sirriidha boqonnaa boqonnaatti yaada barreessichaa duukaa bu'udha, karaa qaama kitaabichaa gara guutummaatti geessuu. Ibsituun qajeelcha qo'annoo kunis akka bartoonni kana gochuun hiikkaa Ingiliffaa hammayyaa akka walcina qabanif kan qophaa'edha. Hiikkaan kunis kan filatame waan tiyoorii hiikkaa adda addaati fayyadamefi.

1. Barruu Giriik Yunaayiti Baayibil Soosaayiti maxxansa afuraffaa (YBS[4]). Barruun kun hayyoota bammayyaan kan buufaamedha.
2. Hiikkaan Niiw Kiingi Jamsi Vershin (KJHH) aadaa Giriikoota Teekistuu Reseptas jedhamee beekkamuun hiikkaa jechaa jechatti hiikkamedha. Dheerinni buufatasaa hundarra ni caala. Kun ammoo bartoonni qabiyyee gumoofte akka hubatan isaan gargaara.
3. Hiikkaan Niiw Rivaayizdi Isaandard Vershin (NRSV) hiikkaa hammayyaa jechaa jechatti godhamedha. Hiikkoota hammayyaa lameen giddutti wiirtummaa kan uumedha. Hiramsi buufatasaa ijoo baafachuuf baayye gargaaradha.
4. Hiikkaa Tuudeyis Ingilish Vershin (HIH) isa maxxansa Yuunaayitid Baayibil Soosaayiti maxxanseen kan gituu maxxansa addaati. Akkaataan hiikkaa 'saas akkaataa iti dubbistoonniifi dubbattonni afaan Ingilizii

bara kanaa itti afaan Giriiki hubachuu danda'aniin kan qophaa'edha. Irra guddessa, keessattu Wangeela, buufaa akkaataa dhimmicharra akkaatta isa dubbateen kan hiredha, akkuma NIV. Akkaataa hiiktootaaf hin fayyadu. YBS4 fi HIH lameenu buufataan gargar haa ta'an malee maxxansaansaanii qaama tokko ta'uu hubatamu qaba.

5. Hiikkaan Jerusaalem Baayibil (JB) hiikkaa gita kaatolika Faransaayi kan ta'e hiikka adaati. Kallattii buufata Awurooppaanotaan madaaluuf baayyee gargaaraadha.
6. Caafanni kun hiikkaa Niiw Amerikaan Sitaandard Bayibil ((NASB) harawaa 1995ti, hiikaa jechaa-jechatti Qeeqni lakkoofsa-lakkofsattis buufatatti hordofee jira.

**Qajeelcha Sadeesso**

Qajeelchi sadeessoo hiikkaa kitaaba qulqulluu adda dubbisudha. Kunis hiikkaa balloo jechoonniifi jechamni kitaabichi qabaachuu danda'u ittiin argachuudha. Yeroo hedduu jechii ykn jechamni Giriiki karaa hedduun ni hubaama. Hiikkaan gargaarii kunis carraa kanaafi barruu Giriiki adda baasuufi ibsuuf gargaare jira. Kun doktiriinii hin miidhu, garuuu duubatti deebinee yaada bareessitoota jalqabaa cufame akka argamu ni gargaara.

Ibsituun kun barataan akka dafee hiikka ofii ilaalu gargaara. Kunimmoo hiikko ta'u miti, garuuu caalatti odeeffanno kennuufi yaada kakaasudha. Hiikkonni Biroo ammoo **ofitoo**, **dogma'uu** fi **bu'uuroo** akka hin taanes ni gargaara. Hiiktonni barruun durii hangam takka rakkisoo ta'uu akka hubataniif carraa bal'oo hiikko isaan barbaachisa. Kiristaanoa kitaaba Qulqulluu madda dhugaasaanii godhaan giduu waliigaleen jiru xiqqaachuun rifachiisadha.

Qajeelfamni kun haal seenaa kiyya irra aanee barruu durduriin akkan qasaa'u na dirquun na gargaaree jira. Abdiin kiyyas isinifiis eebba akka ta'udha.

Bob Utley
East Texas Baptist University
June 27, 1996

# Qajeelcha dubbifannaa kitaaba Qulqulluu
# Dhugaa mirkanaaf barbaacha matayyaa

Dhugaa beekuu ni dandeenyaa? Eessatti argamaa? Loojikiin mirkaneessuu ni dandeenyaa? Gonkumaa addunyaa keenya ykn jireenya keenya qajeelchuu kan danda'an ni jiranii? Jireenyaaf hiikkaan ni jiaataa? Maaliif as jiraa? Eessawoo dhaqnaa? Gaaffiileen kunneen – gaaffii ummanni walaaa gaafatu – gaafa jalqabaa (Lal. 1:13-18, 3:9-11) irraa eegalee sammuu ilma namaa hatee jira. Nin yaadadha jireenya kiyyaaf bikka birmadoo yeroon barbaadaa ture. Dhugaa bahinsa namootaa maatii keenyaaf ta'erratti hundaa'uun kanniin gara kiristoositti goree amane dargaggummaa kiyyatti haguman gaheessa ta'aa deeme, gaaffiin ofiifi addunyaa kanaaf qabu daranu guddataa deeme. Yaadni xixiqqaan aadaafi amantii muuxannoo keessa darbee ykn dubbiseef hiikkoo ta'uu hin dandeenye. Yeroo jeequmsaa, barbaada, imalaafi fuula addunyaa jabduufi miirdhabduun keessa tureetti abdii dhabummaa turte.

Baayyinni gaaffilee kanaaf debii argachu yaalan, garuuu qorannoofi mariin booda deebiin isaanii (1) falaasama matayyaa (2) sheekko durdurii (3) muuxannoo dhuunfaa ykn (4) calaqisa xinsammuu akka ta'e arge. Sabaa jireenya koo, ido birmadoo koo, bu'uura kallati addunyaa irra kaayyadhuu mirkansa, ragaaafi ilaalcha walabaa argachuu na barbaachisa.

Kana qo'anno kitaaba Qulqulluu keessatti argadha. Achumaan ragaa amanamoomaa barbaadu iti fufeen (1) seenaa qabatamaa kitaaba Qulqulluu, arkiyoolojiin mirkanaa'ee, (2) dhugoomsa raajoota kakuu Moofaa. (3) tokkummaa ergaa kitaaba Qulqulluu baroota dhiba kudha jaha keessaafi (4) dhugaa bahinsa namoota jireenyi isaanii walitti dhufeenya kitaaba Qulqulluun jijjiiramee argu danda'e. kiristaanummaan, akka gamtaa amantiifi amantaati, gaaffii walxaxaa jireenyaa wajjin hojjechuuf ni danda'a. Kun ammoo caasaa hojii walabaa qofa miti, amantiin kitaaba qulquluu ibsamuu danda'u gammachuufi tasgabii naa fida.

Iddoo walaba jireenya koo – kiristoos, akkan kitaabicha keessatti hubadhetti, ta'uu argachuu koon beeke. Sun ammoo muuxannoo buhaara, miirama keessaati. Haa ta'uuti, ammallee waraansaafi hollachiisa hiikkaa kitaaba kanaa irratti yeroo ani eegale, yeroo tokko moo waldaafi mana barumsa tokko keessati yaada gargaaraa kaasee ture ni yaadadha. Ammanamummaafi kaka'insa kitaaba Quqlulluu dhugaa cimsuun isa xumuraa odoo hin taaanee isa jalqabaati. Akkam godheen hiikkaa gargaraafi walfaalleessaa kitaaba dhugoomsu ykn gatuu ni danda'aa?

Hojmaanni kun galmaafi imala amantii jireenya koo naa ta'e. ni beeka kiristootsitti amanuun koo (1) gammachuufi nagaa guddaa naaf kenne. Sammuun koo aadaa koo (dub-hamayoma) keessa gonkoomaaf fagaataa tueera. (2) doogmaatummaa waldhibdee amantoota (amantii addunyaa) fi (3) bu'uroma safu dhabeenya na agarsiiseera. Hikkaa hog-barruu durdurii ayitan barbaadutti, seenaa, aadaa, bu'uuromaafi gardhabummaa koo calaqisu arguu kootti ajaa'ibame. Ira deddebi'ee kaniin kitaaba Qulqulluu dubbisu ilaalcha koo utubuufidha. Hanqina koofi dhoksaa koo haguuguuf akka madda dogma godheen ittiin ormaan morma. Kana beekuun hangam dhukkuba koo turedha!

Akkasumas guutummaati mormata ta'u hin danda'au, nama kitaaba Qulqulluu dubbifatu fooyya'a ta'u ni danda'a. gara dhabummaa koo adda baasuufi jiraachusaa beekuun daangeessuu ni danda'a. ani ammallee kana jalaa hin birmadoomne, garuuu dadhabinsa koon mormachaan jira. Hiikkaan diina dubisaa kibaata Quqlulluu isa badaadha!

Mee dur tilmaama ani qo'annoo kitaaba Quqlulluu koo keessatti fideen tarreessa, isin dubbistoonnis, ana ajjin ta'uudhaan ni sakkataatu.

## I. Durtilmaama

A. Kitaabni Quqlulluu dhugaa Waaqayyoo tokkicha inni ittiin of muldhise isa muummee ta'uu nan amana. Kanaafuu, ifa fedhii barreessicha uumaa (afuuraa) karaa namootaa yoomessa seenaa addaa keessaan calaqiseen hiikkamu qaba.

B. Nin amana kitaabni Quqlulluu namoota gitaa – hundaaf barreeffame. Waaqayyoo nutti dubbachuufi haala seenaafi aadaa keessatti of qabuu jaalate. Waaqayyo dhugaa hin dhoksu – akka hubannu barbaada! Kanaafuu, akka keenya odoo hin ta'iin ifasaan akka hiikkamu barbaada. Kitaabni Qulqulluu waan warri dura dhagahanii ykn dubbisan hin ta'iin nuyiif hin ta'u. sammuu namoota giddu galaan hubatamuu kan dadna'uufi bifaafi teekinika waliigaltee laafaa namootaatti kan fayyadamedha.


C. Kitaabni Quqlulluu yaadaafi ergaa gumaa'ee akka qabu nan amana. Kanaafuu, hiikkoon kitaaba Qulquluu inni hundaan olii kitaaba Qulqulluu mataa isaati.
D. Dubbiffanni kitaaba Quqlulluu (raajooa irraa kan hafee) hundi fedhaafi kaka'umsa barreessicha duraa irratti hundaa'ee ergaa tokkoofi tokko qofa akka qabu nan amana. Hangamu mirkantuu dhumaa ta'uudha baannullee qabxiileen heddu agarsiisan waan jiraniif fedha barreessicha duraa ni beekna.
    1. Bifa hogbarruu ittiin ergaa dabarsuuf filatamee
    2. Yoomessa fi/ykn haalyeroo barreeffamicha dhangalaase
    3. Qabiyyee kitaabilee keessaafi gamtooma hogbarricha
    4. Gamtooma qabiyyee hogbarichaa gara ergaa guuammati
    5. Haala giraamara ergicha dabarsuuf faayidaarra oolee
    6. Ergicha dabarsuuf jechoota filatame
    7. Dubbifata walinfaallessine ta'uusaati.

   Namoonni qo'annoo kanaas kaayyoo qo'annoo bareeffama kanaa nuuf ta'e. Odoon mala dubifata kitaaba Qulqulluu gaarii kiyya hin eriin dura mala hin mallee bara kana keessa namoonni itti fayyadamanii gara garaafi dhabamuu qabuun waa jedhe.


## II. Mala hin mallee

A. Qabiyye hogbarru kitaabbilee kitaaba Qulqulluu tuffachuufi jecha, jechamaafi tokkoon tokkoo himaa akka dhugaa guufuutti sanuu akka fedha barreessichaafi ergaa waliigalaan waliin simnetti fayyadamuu.
B. Seenaa yoomessa kitaabichaa cinatti dhiisuun durtilmaama seenaa yoomessaan bakka buusuun sanu isa faayidaa xiqqo ykn homaawu hin qabnetti fayyadamu.
C. Seenaa yoomessa kitaabichaa dhiisuuniifi akka gaazexaa magaalaa namoota kiristaana hammayyaa ganama ganama bitamee dubbifamuuti dubbisuuf.
D. Fedha barreessicha ykn dhaggeeffattoota duraati hin simneen ergicha akka ergaa falaasamaa/tiyooloojiitti fudhachuun seenaa yoomessicha tuffachuu.
E. Ergaafi yaada barreessicha jalqabaatti kan hin simne dhimma baraa, doktiriina ykn mala tiyoolojii mataa ofii bikka huusuun ergaa duraa tuffachu. Adeemsi kun dubisa kitaaba Qulqulluu duraa akka aboo abba dubbiitti lafa kaa'a. Kun ammoo nuyiif akka "deebii dubistootaa" ilaalama. (qabiyee jechun anaaf maala jechuudhaa" hiikkaa)

Waliigaltee namootaa hunda keessatti ijoowwan sadii walsimatan ni muldhatu.




Bara durii, teekinikoonni dubisaa ijoo sadan keessaa isa tokkootti hirkatu turani. Garuuu dhugumatti fedha addaa kitaaba Qulqulluu mirkaneessuuf, gabateen haaromfame baayyee gaariidha.




Isa dhugaatti ijoowwan sadanuu adeemsa hiikkaa keessatti dabalamuu qabu. Ifa gochuufis, hiikkaan koo lameen duraa irratti xiyyeeffate: barreeffama ka'umsaafi qabiyyee. Feetuu badiin argarrattin dubbadha. (1) ciiguu ykn afuuressuu qabiyyichaafi (2) "deebii dubbisaa" hiikkaa (anaaf maal jechudha) badiin sadarkaa hundatti muldhachu ni danda'a. Yeroo mara miira, garadhabummaa, teekinikaafi hojmaata keenya sakatta'uu nu barbaachisa. Garuuu yoo waagaan, daangaafi xumurri hin jirree akkamiin sakatta'uun nuu danda'amaa? Iddoon kun iddooti fedha barreessaafi caasafamni qabiyyee iti waagaalee gam tokko ittiin daangaa hiikkoodha akkan lafa kaayadhu na gargaaredha.

Ifa teekinika dubbisa hin malle kanaan, firoomsaafi ibsii hiikkoofi dubbisa kitaaba qululluu gaariitti dhiyaachu danda'amu maalfa'ii?

### III. Itti dhiyeenya dubbisa kitaaba Qulqulluu gaarii

Sadarkaa kanatti ani bifa teekinikaa hiikkoo addaa mariisisuutti hin jiru, qajeelcha qabiyyee kitaaba Qulqulluu waliigalaa malee. Itti dhiyeenya bifa addaa kitaaba gaariidha. Kitaaba "*How to Read The Bible For All Its Worth*" jechuun Gordon Fii fi Doglaas Sitaartiin barreeffamee Zondarvaaniin maxxanfamedha.

Jalqaba irratti toftaan koo kaniinni xiyyeeffatu dubbistoota marsaa dubbisaa afran keessaan afurrii Quqlulluu, kitaaba Qulqulluu akka isaanii ibsu ofirratti hayyamanidha. Kunimmoo afuuricha, dubbisaafi isa dubbifatu dursaa malee lammeessoo hin taasisu. Kunis darbee isa dubbifatu sana akkanni hacuuccaa ibsitootaa jalatti in kufne tiksa. "Kitaabni Quqlulluu xiyyaa ifaa hedduu ibsitootarratti ni darbataa "jecha jedhu nin dhagaha. Kun garuuu qeeqa gargaasa qo'annoo irrattif godhamu gatii dhabsiisu miti, garuuu yeroo sirrii itti fayyadamasaanii gaafata malee.

Hiikkaa keenya ragaaalee barreeffamicha keessaan deeggaruuu qabna. Naannooleen shaman ibsa gabaabo kennu

1. Barreesaan ka'umsaa
   a. Seenaa yoomessaa
   b. Qabiyyee hogbara
2. Filannoo barreessaa ka'umsaa
   a. Caasaa giraamaraa (syntax)
   b. Ittifayyadama hojii baraa
   c. Bifa
3. Hubannoo keenya sirrii
   a. Dubbisa qixaa fudhatamaa

Sababaa fi deemsa haasawaa hiikkoo keenya duubaan jiru dhiyeessu danda'uu qabna. Kitaabni Quqlulluu muuxannoo fi madda amantii keenyaati. Wanti gaddisiisaa, waan inni barsiisuufi mirakaneessu irratti kiristaanonni irra deddeebi'anii waliigaluu dhabuusaaniiti. Kaka'umsa kitaaba Qulqulluu komachuuniifi warra waan inni gaafatuufi barsiisu irratti waliigaluu hin dandeenye amantoota haarawaaf mohinsa.

Marsaan afran dubbisaa ilaa hiikkoo armaan gadii agarsiisuuf wixnaa'ani.

#### A. Marsaa dubbisaa duraa

1. Takka gadi ta'aa kitaabicha dubbisaa. Hiikka Biroon ammoo irra deebi'aa, yaada hiikkaa Birooon
   a. Jechaa – jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
   b. Gitaan addaan (HIH, JB)
   c. Paraaphireezii (kitaaba jiraataa, kitaaba dagaagaa)
2. Yaada wiirtuu bareeffamaa ilaala. Qabiyyee adda baafadha.
3. Qabiyyee ykn yaada wiirtuu kana sirriitti ibsu jecha, jechama, himaafi boqonnaa (yoo danda'ame) adda baasaa.
4. Bifa hogbarruu ulfaatoo adda baasaa

A. Kakuu Moofaa
   1. Barreeffama Ibrootaa
   2. Walaloo Ibrootaa (hogbarru safii, farfannaa)
   3. Raajii Ibrootaa (haasa'a, walaloo)
   4. Seera tuma

**B. Kakuu dubbisa lammeesso**
   1. Keessa deebi'aa kitaabicha dubisaa, mata duree ykn qabxii adda baasuuf ilaalatuma.
   2. Hima salphaa ta'een qabiyyee maa duree ibsaa bareessuuf yaalaa.
   3. Gargaarsa qo'annootti fayyadamaati yaada dubbicha sakatta'aa babal'isaa tarreessaa

**C. Marsaa dubbisaa sadeessoo**
   1. Ammas deebisaa dubbisaa, kitaabuma Qulqulluu keessaa haala seenaa yoomessaa barreessa adda baasuu akka isin dandeechisuuf.
   2. Qabxiiwwan seenaa kitaaba Qulqulluu keessatti tuqaman tareessaa.

a. Barreessaa
b. Guyyaa
c. Argataa
d. Sababa addaa barreessicha
e. Haala yoomessa aadaa yaada barreeffamichatti firoomu
f. Ragaaaleefi namooa seenaafi tuqachiisa.

3. Kartuu keessan gara kutaa kitaaba Qulqulluu hiikkaa jirtaniifi buufaticha babal'isuu. Yeroo mara boqonnaa barruu jala murani adda baasuudha. Kun buufaafi boqonnaa heddumeessu ni danda'a. kun fedha barreessicha ka'umsaafi deemsa loojiki akka hordofamu ni gargaara.
4. Gargaartu qo'annootti fayyadamuun seenaa yoomessaa sakatta'uu

**D. Marsaa dubbisaa afreessoo**

1. Boqnnaa barruudha hiikkaa gargaaraa irraa deddebi'anii dubbisuu
   a. Jecha-jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
   b. Gita addaan (HIH, JB)
   c. Paaraaphireesii ( kitaaba jiraataa, kitaaba dagaaga)
2. Caasaa giraamaraa ykn barruu ilaali.
   a. Jechama irra deddebi'o, Ef. 1:6, 12,13
   b. Caasaa giraamara irra deddebi'oo, Rom. 8:31
   c. Qabiyye mormisiisaa
3. Qabxiilee armaan gadii tarreessu
   a. jechoota barbaachisoo
   b. Jechoota hin baramne
   c. Caasaa giraamara barbaachisaa
   d. Jechoota, jechamaafi himoota rakkisoo
4. Dubbifata qixaan firoomu ilaaluu
   a. Ittifayyadama dhima kee irratti dubbisa barsiisa kee qulqulluu ilaaladhu.
      1. Kitaaba malmaltu tiyoolojii
      2. Tuqachiisa kitaaba Qulqulluu
      3. Tartiiba jechoota
   b. Dhimma kee keessati warra warra wal hinfakkaane fakkaatan ilaali. Dhugaan kitaaba Quqlullu hedduun cimsii wala'insaan jiran, mormiin bu'oroma heddu kan dhalatan muddama dhugomsa barruu kitaabicha irra kan ka'e ture. Guutuun kitaaba Qulqulluu afuuraan kaa'ame, kanaafu hiikkaa madaalawaa barruu argachuuf ergaa guutammaa soquu qabna.
   c. Kitaabuma tokko keessatti walmaddii barreessaa, ykn bifaa, ilaali, sababnisaa kitaaba Qulqulluuf barreessaan isaa tokkichuma, afuura Qulquluu
5. Haalaafi yoomessa seenaa argite sakatta'uuf gargaartuu qo'annooti fayyadami.
   a. Qoa'nnoo kitaaba Quqlulluu
   b. Guuboo jechootaa, kitaaba qajeelchaafi Insaayikilopidiyaa kitaaba Quqlulluu
   c. Seensa kitaaba Qulqulluu
   d. Ibsituu kitaaba Qulqulluu (qo'annoo kee sadarkaa kanaa irratti akka qo'annoo kee siif sirreessaniif hawaasa amantootaaf carraa godhi.)

**IV. Hojmaata hiikkoo kitaaba Qulqulluu**

Sadarkaa kanatti gara hojmaataatti deebina. Barru yoomeessa ka'umsaan hubachuuf yeroo fudhateerta, amma aadaafi jireenya kee keessatti dhugomsuu qabda. Ani aboo kitaaba Qulqulluu akka "hubannoo ergaa barreessaa kitaaba Qulqulluu ka'umsaa bara sanaafi hojmaata dhugaasaa bara kanaa" ti hiikeera.

Hojmaanni hiikkootti fedha barreessa ka'umsaa yeroofi loojikiitti aanee dhufuu qaba. Hanga gaafa bara isaati inni jedhu beeknutti dubbisa kitaaba Qulqulluu hojiirra oolchuuf hin dandeenyu! Dubbisni kitaaba Qulqulluu waan hin jedhamne jechuu miti.

Baafanni, sadarkaa buufataatti (marsaa dubisaa # 3) gadi bu'ee jiru qajeelcha keeti. Hojmaanni sadarkaa buufataatti, malee sadarkaa jechaatti tolfamu hin qabu. Hiikkaan jechootaa sadarkaa barruutti, hikkaan jechamaa sadarkaa barruutti, hiikkaan himaa sadarkaa barruutti ta'u qaba. Hiikkaa keessati hiikkaan afuuraa barreessa ka'umsaa qofadha. Ibsa afuura qulqulluun hoggansa isaa horfofna. Ibsaan garuuu afuuruu jechuu miti. Waa

jechuudhaaf "Gooftaan isinitti hima" jedhe fedha barreessaa ka'umsaaf abbomamuu qabna. Hojmaanni fedha barreeffama waliigalaa, boqonnaa barruu addaafi dagaaga buufatatti firoomuu qabu.

Dhimmoonni bara keenyaa akka dubbatan odoo hin taane, akka kitaabicha keessaa akka baafannu nu godha. Yoo barruun qajeelfama kana ni deggera ta'e fudhatama argata. Yeroo hedduu qajeelfamni keenya matumasaa qajeelfama "keenya" – malee qajeelfama barruu miti.

Kitaaba Qulqulluu hojmaatessuurratti raajootaan alatti) barrichaaf hiikkaan tokkoofi tokko qofti akka sirrii ta'e beekuun barbaachisaadha. Hiikkaan isaas fedha barreessaa ka'umsaa gaafa saniitti firmudha. Hiikkaa

Tokkotti kana irraa hojmaanni hedduu bahuu ni danda'a. Hojmaatichi fedhii argataa irratti bu'uraa, garuu fedha barreessaa ka'umsaati firommuu qaba.

**V. Kallatti hiikkaa afuuraa**

Hanga ammaa adeemsa loojikaafi barreeffamaa hojmaataafi hiikkaa ibsaa tureera. Amma ammoo kallattii hiikkaa afuuraa ibsuu yaala. Tartibni sakatta'a armaan gadii anaaf gargaarsa ni qaba.

A. Kadhaa gargaarsa Afuura Qulqulluu (1 Qor 1:26-2:16)
B. Kadhata dhiifamaafi dhiqama cubbuu beekkamaa dhuunfaaf godhamu (1 Yoh. 1:9)
C. Kadhata fedha guddaa Waaqayyoon beekuuf godhamu (Far. 19:7-14, 42:1ffa; 119:1ff)
D. Ilaa toltuu jireenya keetti dabalii
E. Gadjechuufi barsiisu danda'urra turi.

Hoggansa Afuuraa Afuura Quqlulluufi deemsaa loojikaa madaallii jiru eeguun guddaa rakkisaadha. Kana lameen walmadaalchisuuf waraabi kun na gargaare.

A. Scripture Tmisting, James W. Sirerra ful 17-18 "Itti gara sammuu namoota Waaqayyootti dhufe – gara warra Afuuraa muraasa miti. Kiristaanumma kitaaba Qulqulluu keessatti gartuun beekkamo, ibsituuniifi ummanni hikkaan qixaa keessa dhufe jedhaman hin jiran. Afuurri Qulqulluu kennaa addaa ogummaa, beekumsaafi hubannoo kennullee garuuu inni abbootii hiikkoo sagaleesaa kiristaanoota ol bahan hin ramadne. Barachuun, murteessuuniifi hubachuu hanga saba isaati, kitaaba Qululluuti hirkachuun, warra Waaqayo dandeetti addaa isaanii kennellee ta'an. Waliti qabuudhaaf tilmaamni ani kitaabicha irrati godhadhe kitaabni Qulqulluu dhugaa Waaqayyoo namootatti muldhisedha, aboo nuyi waan inni dubbatu hundarratti qabnudha, sunis ajaa'iba gararraa odoo hin taanee waan namoota aadaa gargaraan hubatamu danda'udha.

B. Kitaaba "kiyeerkigaard protestant biblical interpretation" ful. 75 jedhu keessatti.

Akka kiyeerkigaardifi qo'annoon giraamaaraa laaksilaalaafi seenaa kitaaba Qulqulluu barbaachisaadha, garuu dubisa dhugaa kitaabaa dursuu qaa. "Akka sagalee Waaqayyooti kitaaba Qulqulluu dubbisuuf namni tokko afaaniifi lapheesaatiin, qeensa qubaan, eegumsa dammaqinaan, haasa'a Waaqayyoo keessatti dubbisuu qaba. Kitaaba Qulqulluu akka qalbi dabinsaati, ofumaan ykn yaroominaan, ykn ogummaan dubbisuun akka dubbisa sagalee Waaqayyoo hin ta'u. Akkuma namni xalayaa jaalalaa dubbisutti sagaleen Waaqayyoos dubbifamuu qaba.

C. Kitaaba H.H Rowleey, The Relvance of Bible ful. 19 jedhu keessati moo

"Hubannoon beekumsaa hayyoomaa kitaaba Qulqulluu hangamu guutuu, hunda qabatee hin jiru. Hubanno guutuuf barbaachisaa waan ta'eef hubannoo akkanaa gad buusuuf miti. Yoo guutummaa kitaabichaaf kan ta'u ta'e garuuu gara hubannoo afuuraa qabeenya afuuraatti qajeelchuu qaa. Akkuma kana hubannoo afuuraa dammaqina hayyomaa daran caaluu barbaachisa. Wantoonni afuuraa afuuraan murtaahu, kanaaf bartoonni kitaaba Qulqulluu amala argataa afuuraa, akka isaanitti of ibsuuf fedha Waaqayyoo, qabaachu qabu akka qo'annoo saayinsiin duuba darbani gara dhaala duuroma qabeenya kitaaboota isaa gurguddooti darbuudhaaf.

**VI. Mala ibsiituu kanaa**

Ibsituun qo'annoo kanaa kan qophaa'e deemsa hiikkaa kee bifa armaan gadii akka ta'uufidha.

A. Seenaan ifaa kartuu kitaabbilee ni agarsiisa. "Marsaa dubbisaa # 3" eegi tolfateen booda odeeffanno kana sakatta'i.
B. Ilaan barruu jalqaba boqonnaa hundaratti ni argama. Kunimmoo caasaa boqonnaa barruu akka ilaaltu si gargaara.
C. Jalqaba boqonnaa ykn barruufi hirtaan buufataafi kaptioniin ibsaaf tolu hiikkaa hammayyaa adda adda irraa kenname jira.
   1. Barruu Giriik, Yunaayitid Baayibil Soosaayitii maxx[4] (YBS)

2. Niiw Ameerikaan Sitaandaard Baayibil, 1995 fooyya'e (NASB)
3. Niiw Kiingi Jemsi Vershini (KJHH)
4. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershiin (NRSV)
5. Tuudeyis Ingilish Versiini (HIH)
6. Jeruusaalem Baayibil (JB)

Hiramsi buufata kaka'umsaan miti. Barruurraa mirkanaa'e. Hiikkaa hammayyaa adda addaa kallattii tiyooriifi tiyoolojii adda addaan walbira qabuun ilaalcha barreessaa ka'umsa tilmaame xiinxaluu ni dandeenya. Buufanni tokkoon tokko dhugaa jabaa tokko ni qaba. Kunis "hima, matoomaa" ykn "yaada wiirtuu barruu" jedhama. Ilaalchi gamtooma kun furtuu hiikkaa giraamaraafi seenaa qixaati. Namni tokko waan buufataan gadiin, hiikuu, lallabuu ykn barsiisuu hin danda'au. Buufanni kamuu akka firooma buufatoota olla jiraniin qabu dagatamuu hin qabu. Kanaafi barbaachisummaan kartuu kitaabichaa sadarkaa buufataa barbaachiseef. Nuyi yaa'aa loojika dhimmicha barreessaa ka'umsaa duraan gahuuf danda'u qabna.

D. Hikkaan yaadannoon Bob lakkoofsa – lakkoofsatti. Kun ammoo ilaalcha barreessaa ka'umsaa akka hordofnu nu dirqa. Yaadannichi odeeffannoo gama hedduu kenna.
   1. Qabiyyee barruudhaa
   2. Ilaa aadaafi seenaa
   3. Odeeffannoo giraamaraa
   4. Qo'annoo jechootaa
   5. Dubbisa walmaddi fayyadan

E. Ibsituu keessatti sadarkaa ta'etti, maxxansi Niiw Ameerikaan Sitaandaard Kershini (haarofni 1995) hiikkaa hammayyaa hedduun deeggeramee jira.
   1. Niiw Kingi Jemsi Vershini (KJHH) barruu "Tekistus Resiptas" jedhu duuka bu'eeti.
   2. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershini (NRSV) isa jecha – jechatti kaawunsila waldaale biyyaalessa irraa gargale.
   3. Tuudeyis Ingilsh Vershin (HIH) isa Ameerikaa Baayibil sosaayiti irraa gitaan gargale.
   4. Jeruusaaleem Baayibil (JB) isa hiikkaa Kaatolika Faransaayii irratti bu'uuraa'ee Ingiliffaatti hiikkame.

F. Warreen afaan Giriik dubbisuu hin dandeenyeef rakkoo barruu irratti isa mudatu madaalee adda aasuuf afaan Ingiliffaan fayydamuun isa tola.
   1. Garaa garuummaa barruuwwanii
   2. Hiikkaa jechootaa filatamoo
   3. Caasaafi barruu giraamara rakkisoo
   4. Barruu jeeqamoo

Yaata'uti hiikkaan Ingiliffaa rakkoo kana hin furiin malee, akka iddoo gadi fagoofi qo'annooti xiyyeeffatu.

G. Xumura boqonnaa hundaa irratti gaaffileen marii kaasan barbaachisoo ta'an kaa'amanii jiran. Isaaniis yaada hiikkaa muumme ta'an irrati xiyyeeffataniiti.

# SEENSA HOJII ERGAMOOTAA

## HIMA BANIINSAA

A. Hojiin ergamootaa ibsa waa'ee jireenya Yesuus (wangeelaa) barsiisa inni hojii ergamootaa keessatti godhe, hiikaa inni itti kenne, fi hojii irra oolmaa xalayoota kan Macaafa Kakuu Haaraa gidduutti walitti dhufeenya barbaachisaa uumeera.

B. Manni Waaqeeffannaa durii tamsa'inaa fi kuufama Macaafa Kakuu Haaraa itti barreeffamu karaa lamaan guddisaa ture. (1) Wangeeloota (wangeelota arfan) fi (2) duukaa buutuu (xalayoota Phaawuuloos). Haata'u malee jaarraa lammaffaa keessa amantii duraan ture kan faalleessu, gatiin kitaaba hojii ergamootaa beekamaa dhufe. Hojiin ergamoota kaayyoo fi qabiyyee duuka buutuu barsiisa. Akkasumas bu'aa wangeelaa isa dinqisiisaa ni barsiisa.

C. Haala hambaa seenaa qoratuun sirritti akka ilaalamee fi mirkaneeffametti seenaan hojii ergamootaa sirriitti mirkanaa'eera. Keessumaayyuu haala moototaa kan mata duree abbaa taayitaa mootummaa mootummaa Roomaatiin walqabatee. (fkn.. Istiraateēgōyii, 16:20, 22, 35, 36 [akkasumas booji'amtoonni mana qulqullumma itti fayyadamaa turan, Luqaas 22:4, 52, hojii ergamootaa 4:1, 5 :24-26], *poliitarkaas*, 17:6, 8:fi *Piirōtō*, hojii ergamootaa 28:7 A.N Sherwiin-wayitii, *Hawaasa Roomaa fi Seera Roomaa kan Macaafa Kakuu Haaraa waliin madaalilaali*). Luqaas dhiphina ykn sodaa mana waaqeeffannaa Roomaa durii barreessee, keessumaayyuu walitti bu'iinsa Phaawuloosii fi Barnaabaas (hojii ergamootaa 15:39 walbira qabi ilaali) kun kan ibsu barreeffama waa'ee Macaafa Qulqulluu ykn Seenaa gadi fageenyaan qoratamee, madaalamee, walqixxaate mul'isa.

D. Akka ilaalcha Giriikoota duriiti moggaafni kitaaba kan inni ittiin argame uumamu irratti bifa gara garaa xiqqaa qaba. Innis:-
   1. Barreeffamoota harka א (saaniitiikaas), Teertuliyaan Didiyimus fi Eyuseebiyaas kan qabu "hojii ergamootaa" (ASV, NIV)
   2. 'Barreeffamoota harkaa B (vaatikaanus), D (Biizaayee) dura irratti kan barreeffamu. Irenayiyuus, Tertuliyaan, Siiriyaani fi kan Atanasiyaas qabu "hojii ergamootaa kan duuka buutootaa" (KJV, RSV, NEB)
   3. Barreeffamoota harkaa $A^2$ (Sirraa'ina Aleezandirinas kan isa jalqabaa). E.G fi Kirisistoom kan qabu "hojii ergamootaa kan duuka-buutootaa qulqulluu"

   Jechoonni Giriikii kan akka *piraxeeyis*, (Maarqoos, Filiphisiyuus, Phaawuloos) kanneen akka (wangeela Luqaas) durumaanuu kitaabichi moggaasa xiqqoo hin qabu ta'a.

E. Hojiin ergamootaa barreeffama beekamaa kan aadaa lama qaba. Inni gabaabaan Alezaandiriyaan jedhama (MSS $P^{45}$, ℵ, A, B, C). Maatiin barreeffamoota harkaanii dhihaa ($P^{29}$, $P^{38}$, $P^{48}$) ibsa itti dabaluun fakkeessaniiru. Aadaalee waldaa duraanii irratti hundaa'ee barreessa irraa fudhatanii fi yookaan ammo kan nama biro gidduu galchan ta'uun isaa hin mirkaneeffamne. Beektonni barreeffamaa garri caalu akka amananitti barreeffamoonni harkaanii dhihaa booda itti dabala qaba. Sababni isaas (1) walqixxeessanii baasuu yookii wanta addaa tokko yaalanii murteessuu yookiis barreeffama ulfaataas ta'uu danda'a. (2) ibsa dabalataa itti ida'uu (3) Yesuus sirriitti beekamtii akka Kiriistoositti argatu gochuuf gaalee murteessoo ta'an itti dabaluu fi (4) jaarroota jalqabaa sadan keessatti barreeffamoonni harkaa dhihaa barreessitoota kiriistaanaa duraaniin kamiiniyyuu hin ka'amne. (F.F Biruusii, *Hojii Ergamootaa barreeffama Giriikii*, pp. 69-80 walbira madaali ilaali). Ibsa gahaaf barreeffama Macaafa Qululluu ibsu waa'ee Macaafa Kakuu Haaraa Giriikii Biruusii M.Mettiiziigeer'n barreeffame barbaadii dubbisi. Kan maxxanse waldaa hawaasa wangeelaa waliinin, pp. 259-272.

   Sababii wantoonni lakkoofsaan hedduun boodatti itti dabalamaniif filannoo barreeffama hundaa guutu qaban waan hin ibsanneef waa'ee Macaafa Qulqulluu kan dubbatu kun ragaa barreeffamaa hundaa kan ibsu miti.

# BARREESSAA

A. Kitaabni kun kan maqaan isaa beekamu miti, garuu akka Luqaas barreesse cimsee ibseera.
   1. Kan adda ta'ee fi dinqisiisaa "nuti" kan walitti hidhamnee caasaa tokko uumnee wal duukaa deemnu (16:10-17 [ergamaa dhimma amantii lammaffaa kan gara Filiphiyuus] 20:5-15 21:1-18 [dhuma ademsa ergamoota dhimma amantii isa sadaffaa] fi 27:1-28:16 [Phaawuloos akka hidhamuf Roomaatti ergame]) kun cimsee kan ibsu Luqaas akka barreessaa tureetti.
   2. Yemmuu namni Luqaas 1:1-4 fi hojii ergamootaa 1:1-2 walbira qabee ilaalu walitti dhufeenya wangeelaa isa sadaffaa fi hojii ergamootaa gidduu jiru beekamaadha.
   3. Luqaas hakiimticha isa hin amannee akka ta'e, baayyee Phaawuloositti kan dhihaatu akka ta'e Qol 4:10-14, Fileemonii 24 fi Ximotiwoos isa lammaffaa 4:11 keessatti maqaa dhahameera. Luqaas isa barreessaa hin amanne akka ta'e NT keessatti ni jira.
   4. Luqaas barreessaa akka ture ragaaleen waldaa durii kan maqaan isaanii hin beekamne ragaa ni bahu.
      a. Cabaa muraatooriyaan (A. Dhaloota Kiristoosiin dura bara 180-200) Roomaa irraa akka jedhuutti "Luqaas isa hakiimtichaan bitamii"
      b. Barreeffamoota kan Iranaayuus (dhaloota Kiristoosiin dura bara 180-200)
      c. Barreeffamoota dhiifama agarsiisu kan Alezaandiriiyaa (Dhaloota Kiristoosiin dura bara 156-215)
      d. Barreeffamoota kan Turtiliyaan (Dh.K.D. 156-215)
      **e.** Barreeffamoota kan Origaan **(Dhaloota Kiristoosiin dura bara 185-215)**
   5. Ragaan keessoo kan tooftaa barreeffamaa fi hiikkaa (keessumaayyuu kan jechoota fayyaa) akka mirkaneessutti Luqaas akka barreessaa tureetti (Obbo Wiliyaam Raamsaayi fi A. Harnakii)

B. Luqaasiin ilaalchisee ragaa odeeffannoo sadii qabna.
   1. Iddoo dubbisaa sadan NT keessa (Qol 4:10-4:Fileemoonii 24:Ximotiwoos isa lammaffaa 4:11 fi kitaaba hojii ergamootaa mataa isaati.
   2. Jaarraa lammaffaatti Farri-maarkooyiinii dursa itti seensa gara Luqaas (dhaloota Kiristoosiin dura bara 160-180)
   3. *Barreessitoonni seenaa* waldaa kan duraanii kan jaarraa 4ffaa, Eyuubiiyaas, Seenaa isa dhimma waldaan wal qabatu ilaalchisee, 3:4 akka jedheetti "Luqaas sanyiidhaan dhalataa Anxooqiyaa fi hojiidhaan hakiimii ta'ee keessumaayyuu Phaawuloosii wajjiin walitti dhufeenya kan qabaachaa ture ta'ee duukaa buutoota warra biro wajjiin michummaa muraasa qaba ture. Fakkeenyummaa inni nu keessatti hambise kan akka fayyisuu lubbuu kan inni isaan irraa argate kitaabota lama keessatti ibsameera. Innis wangeelaa fi hojii ergamootaa kan duuka buutotaa keessatti.
   4. Kunis seenaa jireenya Luqaas kan waan gara garaa irraa ijaarameedha.
      a. Kaniin amanne (Qol 4:12-14) keessatti akka eerametti kan (Pafiraasii fi Deemaasii, kan Yuudoota garaagara miti)
      b. Anxooqiyaa kan Siiliiyaa irraa (Farra Markooyinii kan jalqabaa irraa gara Luqaas) ykn Filiphisiyuus kan Maqadoomiiyaa (Obbo Wiliyaam Raamseeyii hojii ergamotaa 16:19 irratti kan ibse)
      c. Hakiimticha (Qol 4:14 ilaali) yookiis Luqaas yoo xiqqaate nama akka gaariitti barateedha.
      d. Odoo Anxooqiyaatti manni waldaa hin eegalamin booda (Farra-Maarkooyiin kan isa jalqabaa) Luqaas gara gidduu galeessaa sadarkaa ga'eessummaatti jijjiiramuu danda'eera.
      e. Michoonni Phaawuloosii waliin deeman ("nuyi" ergamoota kan walitti hidhamne, caasaa garaagaraa irraa ijaarameedha).
      f. Kan hinfuune/hin heerumne
      g. Luqaas wangeela isa sadaffaa fi hojii ergamootaa (seensa walfakkaataa, tooftaa barreeffamaa fi hiikkaa jechootaa wal fakkaataa barreessaa ture
      h. Umuriin isaa waggaa 84 yoo ta'u Booyiiyooshiyaatti du'e.

C. Rakkoo yeroo Luqaas barreessaa ture irra gahe.
   1. Barsiisa Phaawuloos gaara Maarsii irratti Ateensii keessatti godhe gartuun Falaasiifaa Giriikii bu'uura waliigalaa uumuuf itti fayyadamaa garuu Phaawuloos Roomee 1-2 keessatti kan kamiyyuu ilaalu fakkaata "Yaada waliigalaa qabaachuu" (Uumama, ragaa kaka'iinsaa kan keessaa)
   2. Barsiifni yaadni Phaawuloos hojii ergamootaa keessatti godhe fakkii cimaa kan hin badne Yuudota kiristaanaa kan Muusee haala cimaa hamaa ta'eetti fudhatan. Garuu xalayaan Phaawuloos seera kan tuffatu fi kan rakkoo uumuutti fi yeroo darbaniiti.
   3. Barsiifni Phaawuloos hojii ergamootaa keessatti godhe ilaalcha eskaatoolojikalawaa hin qabu. Kunis kan kitaabni isaa durii godhaniidha (kunis kan gara warra teseloonqee 1 fi 2)
   4. Kunis faallaa kan jechootaa, tooftaa barreeffamaa, fi haalli inni cimsee dubbatu barbaachisaadha. Garuu xumura hin qabu. Yemmuu madaalli walfakkaataan wangeela irratti godhamu, Yesuus kan warra Sinooptiksii karaa garaagaraan dubbachuun Yesuus kan warra Yohaannis baay'ee caala. Garuu beektoonni barreeffamaa baay'ee muraasni hamam ammaatti kun seenaa jireenyaa Yesuus ibsa jedhani haalu.

D. Yemmuu waa'ee barreeffama hojii ergamootaa ibsinu kan baay'ee barbaachisaa ta'e kan nuti ibsinu bakka burqaa Luqaasiidha. Sababni isaa beektoonni (fkn C.C Tooreeyi) akka amananitti Luqaas ragaa /burqaa barreeffama Armaayikiitti boqonnaa kudha shanan duraatti baay'inaan fayyadamaa tureera. Yoo kun dhugaa ta'e Luqaas gulaalaa wanta kanatti malee barreessaa miti. Keessumaa immoo lallabni Phaawuloos inni boodaa kan ibsu, Luqaas kan inni nu kennu dimshaasha/ wabiitti fayyadamee akka gaaffii barbaachisaatti ilaalama, akkuma barreeffama kitaaba isaa

## GUYYAA

A. Akka yeroo barreeffama hojii ergamootaatti, ibsaa fi waldiddaa baay'eetu ture, garuu gochichi mataan isaa dhaloota Kiristoosiin dura gara bara 30-63tti qabata ture (Phaawuloos bara giddu galeessaa bo'itti mana hidhaa Roomaatti gadi lakkifame, akkasumas bara mootii Neeroo ammas lamata qabamee hidhaan itti murtaa'e tarii dhaloota Kiristoosiin dura bara 65 keessa bara miidhaa/sodaaachisaa ture ta'a.

B. Yoo namni haala uumama kitaaba dhiifamaa mootummaa Roomaa ilaalchisee tilmaamu kan bara (dhaloota Kiristoosiin dura (1) bara 64 dura (jalqaba bara mootummaa sodaaachisaa (miidhaa neeroo kan kiristaanaa Roomaa) fi yookiin (2) walitti bu'iinsaa Yihudootaa kan dhaloota Kiristoosiin dura kan bara 66-73

C. Yoo namni hojii ergamotaa fi wangeela Luqaas walbira qabuuf haala tartiiba yerootiin yaade, yeroo kana guyyaan itti wangeelli barreeffame dhibbaa kan guyyaa itti hojiin ergamootaa barreeffame irrati geessisa. Erga Yerusaalem Tiitoos jalatti dhaloota Kiristoosiin dura bara 70 keessa akka raajiin raajetti kufte (kunis Luqaas 21) gara bara dhaloota Kiristoosiin dura bara 70tti kan hin ibsamne fakkaata. Kun ergii kana ta'ee egaa hojiin ergamootaa kan barreeffame waan duraan irratti ta'a. Kunis guyyoota duraanii tokko tokkotti ta'a.

D. Yoo namni tokko wanta akka tasaa xumuramutti rakkate (Phaawuloos hanga ammaatti mana hidhaa keessa jira, F.F Biruusii) yeroo sana guyyoonni xumuraa mana hidhaa tokkoffaa Roomaa wajjin walfakkaata. Kunis dhaloota Kiristoosiin dura bara 58-63tti miidhaa tureedha.

E. Baroonni seenaa muraasni gochaawwan seenaa barreeffamaa hojii ergamootaa keessatti walbira qabanii ilaalu.
   1. Babal'achuu beelaa bara mootummaa kilaawuudiyaas (hojii ergamootaa 11:28, dhaloota Kiristoosiin dura bara 44-48)
   2. Du'a kan Heroodis Agirippaa tokkoffaa (hojii ergamootaa 12:20-23, dhaloota Kirstoosiin dura bara 44 (burqaa)

3. Pirookobsaalshipii  kan Seerjiyaas Phaawuuloos (hojii ergamootaa 13:7 dhaloota Kiristoosiin dura bara 53 keessa akka ka'ameetti
4. Faca'iinsa Yihudootaa Roomaa irraa kilaawudiyoosiin (hojii ergamootaa 18:2 Dhaloota Kiristoosiin dura bara 49 [?]
5. Piirokoonsalshipii kan Gaaliyoo, hojii ergamootaa 18:12 (dhaloota Kiristoosiin dura bara 51 yookaan 52 [?],
6. Piirokaansalshipii kan Fiileeksii (hojii ergamootaa 23:26-27:27, dhaloota Kiristoosiin dura bara 52-56 [?])
7. Bakka bu'aa Fileeksii Festuusiin (hojii ergamootaa 24:27, dhaloota Kiristoosiin dura bara 57-60 [?],
8. Hojjettoota olaano Roomaa kan Yihudaa
    a. Warreen sadarkaa olaanoo irraa jiraatanii yakko dhorkan
        (1) Poontiyaas Philaaxoo, dhaloota Kiristoosiin dura bara 26-36
        (2) Maarseelaas, Dhaloota Kiristoosiin dura bara 36-37
        (3) Maruulaas, Dhaloota Kiristoosiin dura bara 37-41
    b. Dhaloota Kiristoosiin dura bara 41 keessa sirna bulchiinsa Roomaa kanneen warri sadarkaa olaanaa irraa yakka ittisaa gara fakkii yaalii fi gochaatti jijjiiramee ture.  Mootiin Roomaa Kilaadiwoos, Heroodis Agiriippaa 1$^{ffaa}$ muude bara 41 dhaloota Kiristoosin duratti.
    c. Du'a Herodis Asirippaa 1ffaa  booda, dhaloota Kiristoosiin dura bara 44, tooftaan yakka itti ittisan kan sadarkaa olaanoon raawwatamu hanga dhaloota Kiristoosin dura bara 66tti irra deebi'ame dhaabbataa ture.
        (1) Antooniyaas Feliiksii
        (2) Poorkiyaas Feestuus

## KAAYYOO FI CAASAA

A. Kaayyoon kitaaba hojii ergamootaa inni tokko duuka buutoota Yesuus kan saffisaan guuddatan hundee Yihudootaa irraa hanga addunyaa wangeelaa maraatti, balbala cufaa oliitii hanga mana mootii Qeesaaritti galmeessuudha.
1. Kunis amala teessuma lafaa hojii ergamootaa 1:8, kunis kan hojii ergamootaa "kanneen hoiin guddaan akka raawwataniif itti kenname (Maatiwoos 28:19-20)
2. Babal'insa teessuma lafaa kun karaa baay'een ibsameera.
    a. Magaaloota gurguddoonii fi daangaalee biyyaan fayyadamuun.  Hojii ergamootaa keessaa biyyoota 32tu jira, magaalawwan 54 fi cittu lafaa salgan Mediteraaniyaanii maqaa dhahamaniiru. Magaaloonni gurguddoon sadan Yerusaaleem, Anxooqiyaa fi Roomaa (hojii ergamootaa 9:12 ilaali)
    b. Nama hiikuun fayyadamuun, hojii ergamootaa harki caalu walakkeessa lamatti hiramuu danda'ama.  Ergaa Phaawuloosii fi Pheexiroos Hojii ergamootaa keessatti gara namoota 95tu maqaa dhahame.  Garuu isaan gurguddoon kanneen: <u>Pheexiroos</u>, Maarqoos, Filphisiyuus, Yaa'iqoobii fi Phaawuloosiidha.
    c. Irra deddeebi'ee hojii ergamootaa keessatti kan mul'ate uumama sirna barreessuu lama ykn sadiitu argama.  Kunis kan mul'isu barreessaan ofumasaatiin yaadee yaale caaseesse/ijaare fakkaata.

| (1) Himoota Dimshaashaa | (2) Guddina himootaa | (3) Faayidaa lakkoofsaa |
|---|---|---|
| 1:1 – 6:7 (Yerusaaleem keessatti) | 2:47 | 3:41 |
| 6:8 – 9:31 (Paaleestayinii keessatti) | 5:14 | 4:4 |
| 9:32 – 12:24 (gara Anxooqiyaatti) | 6:7 | 5:14 |
| 12:25 – 15:5 (gara tishiyaa Xiqqootti) | 9:31 | 6:7 |
| 16:6 – 19:20 (gara Girikitti) | 12:24 | 9:31 |
| 19:21 – 28:31 (gara Roomaatti) | 16:5 | 11:21,24 |
| | 19:20 | 12:24 |
| | 14:1 | 19:20 |

B. Hojiin ergamootaa akkuma beekamu hubannoo dhabiinsa kan naannoo waa'ee du'a Yesuus ganuu wajjin walqabata. Ifumatti Luqaas gara warra hin amanneetti barreesseera. (Tiiyoofiilaas, hojjettoota Roomaa ta'uu danda'a). Innis kan inni itti fayyadamee: (1) dubbii kan Pheexiroos, Maarqoos Phaawulos tooftaa Yihudootaa agarsiisuuf itti fayyadamee (2) yaada gaarii manneen mootummaa olaanoon Roomaa kiristaanummaaf agarsiise. Roomaanoonni hordooftoota Yesuus irraa waan sodaaatan tasayyuu hin qaban ture.

1. Haasaawwan geggeessitoota Kiristaanaa
   a. Pheexiroos, 2:14-40; 3:12-26; 4:8-12; 10:34-43
   b. Maarqoos 7:1-53
   c. Phaawuloos 13:10-42; 17:22-31; 20:17-25; 21:40-22:21; 23:1-6; 24:10-12; 26:1-29
2. Qunnamtii kan hojjettoota mootummaa olaanoo waliinii
   a. Poontiyaas Philaaxoos (Luqaas 23:13-25)
   b. Seergiyaas Phaawuloos, Hojii Ergamootaa 13:7,12
   c. Abbaa seeraa guddaa kan filiphisiyuus, hojii ergamootaa 16:35-40
   d. Gaaliyoo, hojii ergamootaa 18:12-17
   e. Eshiyaarkiis kan Efeesuus, hojii ergamootaa 19:23-41 (keessumaayyuu v. 31)
   f. Kilaadiyaas Liishiyaas, hojii ergamootaa 23:29
   g. Fileeksii, hojii ergamootaa 24
   h. Poorshiyees Feesxuus, hojii ergamootaa 24
   i. Agirippaa 2ffaa, Hojii Ergamootaa 26 (keessumaayyuu v. 32)
   j. Phubiliyaas, Hojii Ergamootaa 28:7-10
3. Yemmuu namni tokko lallaba Pheexiroosii fi Phaawuloos walbira qabee madaalu Phaawuloos kan waa uumu akka hin taane beekamaadha, garuu labsa amantii kan duukaa buutootaa kan wangeela dhuraati. Namni *amantii barsiisu* tokkummaawaadha.

C. Luqaas bara mootummaa Roomaa duraa kiristaanummaa qofa hin dhowwine akkasumas Phaawuloosiin manneen amantaa kanneen hin amaniin irraa dhowweera. Phaawuloos irra deddebi'ee gartuulee Yihudootaa hubameera. (Yihudoota kan warra Galaatiyaa) kan "ergamaa guddaa" kan Qor 2[ffaa] 10-13 fi tuuta gartuu aaadaa Giriikootaa durii (Jinoostisizimii kan Qolasayisii fi Efeesoon) Luqaas akka agarsiiseetti/ibseetti Phaawuloos akka sirriitti qorannaa Macaafa Qulqulluu fi adeemsa isaa fi lallaba isaatti kan onnee isaa keessaa madden barsiiseera.

D. Hojiin Ergamootaa akka kitaaba Amantaatti ilaalamuu yoo baateyyuu, wantoota bu'uuraa ta'an kan barsiisa duuka buutootaa barreessee nuuf kaa'eera. Kunis C. H. Doddii akka moggaaseetti "*Keriiyigimaa*" (dhugaa barbaachisaa kan waa'ee Yesuus ibsuudha). Kunis kan arguuf nu gargaaru kan isana waa'ee barbaachisummaa wangeelaa isa itti dha'ame itti arganiidha. Keesummaayyuu akka isaan du'a Yesuusii fi du'aa ka'uu Yesuus walbira qabanii ilaalaniitti.

**MATA DUREE ADDAA: *Keriiyigimaa* BARSIISA WAA'EE MANA AMANTAA DURII**

A. Abdii Waaqayyoon Macaafa Qulqulluu Kakuu Haarawaa keessatti godhame deebi'ee dhufuu Yesuus masiihicha/isa dibameen amma raawwachaa jira (Hojii Ergamootaa 2:30; 3:19-24; 10:43; 26:6-7,22; Roomee 1:2-4; 1Tim 3:16; Hib 1:1-2; Phex. 1:18-19
B. Yesuus Waaqayyo abbaadhaan guyyaa cuuphaa isaa dibatan dibame. Kunis akka diamee tureedha. (Hojii Ergamoota trg. 10:38)
C. Yesuus tajaajila hojii barsiisuu isa erga cuuphamee booda Galiilaatti eegale. (Hojii Ergamoota 10:37)
D. Tajaajila isaa wanta dinqii guddaa gochuu fi wanta gaggaarii raawwachuun beekama. Kunis aangoo Waaqa irraa kennameen fayyadameeti. (Maarqoos 10:45; Hojii Ergamootaa 22:22; 10:38
E. Masihichi kaayyoo Waaqaa kan jireenya bara baraa bakkaan gahutti fannifame (Maarqoos 10:45;

Yohaannis 3:16; Hojii Ergamootaa 2:23; 3:13-15, 18:4:11; 10:39,26:23; Roomee 8:34; Qor isa duraa 1:17-18; 15:3; Gal. 1:4; Hib. 1:3; 1Phexiroos 1:2,19; 3:18; 1Yohaannis 4:10

F. Innis guyyaa 3ffaatti du'aa ka'e barattoota isaatti mul'ate (Hojii Ergamootaa 2:4; 31:32; 3:15,26; 10:40-41; 17:31; 26:23; Roomee 8:34; 10:9; 1Qor 15:4-7,12ff, 1Tasalonqee 1:10; 1Tim. 3:16; Pheex. 1:2; 3:18,21)

G. Yesuus Waaqayyo abbaan jajame maqaan isaa "gooftaa jedhamu kennameef (Hojii Ergaootaa 2:25-29; 33-36; 3:13; 10:36; Roomee 8:34; 10:9 1Xim 3:16; Hib 1:3; 1Phex 3:22)

H. Hawaasa Waaqayyo abbaa uumuuf hafuura qulqulluu Waaqayyo abbaa irraa kennameef (Hojii Ergamootaa 1:8; 2:14-18; 38:39; 10:44-47; 1Pex. 1:12)

I. Innis murtii kennuu fi wantoota uumama hundaa haareessuuf lammata deebi'ee ni dhufa (Hojii Ergamoota 3:20-21, 10:42; 17:31; 1Qor 15:20-28 Tasaloonqee boqonnaa 1:10)

J. Kanneen ergaa isaa dhaga'anii hundi kan godhuu qaban cubbuu isaaniif dhiifama kadhachuufi cuuphamuutu irra jira (Hojii Ergamoota 2:21,38; 3:19; 10:9; 1Phex. 3:21)

Wixineen kun kan gargaaru barbaachisummaa labii waldaa kan duriif barbaachisa. Haa ta'u iyyuu malee barreessitoonni macaafa garga garaa tarii wanta dhiisan qabaachuu danda'u ykn wangeelli Maarqoos garri caalu haala gochaa Pheexiroos kan barsiise hordofa. Maarqoos karaa aadaan akka ilaalameetti lallaba Phaawuloos walitti gurmeessaa wangeelaatti jijjiiruuni. Maatiwoosii fi Luqaas lameenuu sirna caasaa hundee qabeessa kan Maarqoos hordofu.

E. Firaanki Istaaggii tilmaama yaada isaa keessatti, *kitaabni hojii ergamoota, qabsoo duraanii kan wangeelaa kan hin irraanfanne kan ibsu*, kaayyoon isaa jalqabaa sochii ergaa waa'ee yesuusiidha (waa'ee wangeelaa) warren cimsanii waa'ee jaalala biyyaa Yihudaa ilaalan irraa kan waliigala dhala namaaf dhaamsa ta'uudha. Yaadni barsiisa Istaaggii irratti hundaa'e hojii ergamootaa keessatti barreeffame. Xumura waliigalaa gaarii fi gadi fageessanii seenaa gara garaa qorachuun kan irratti hundaa'u pp 1-18 Istaaggii ilaaluuf kan filatu jechoota akka "kan gufuu hinqabne" 28:31 keessatti kunis karaa ittin kitaabni xumuramu kan adda ta'eedha. Kunis kan nu hubachiisu kiristaanummaan babal'atee rakkoowwan hundaa keessa darbee kan jedhamu Luqaas cimsee irratti dubbateera.

F. Hojii Ergamootaa keessatti waa'een hafuura qulqulluu si'a kudha shani olitti maqaa dhahameeyyuu "Hojii ergamoota kan hafuura qulqulluu miti" Gara iddoo kudha tokkootu jira bakka hafuurri maqaa itti hin dhahamin. Innis irra caalaatti Hojii Ergamootaa isa duraa walakkeessatti yeroo kaa'utti (Inni jalqabaa afaan Armaanikiitiin barreeffamuu danda'eera. Hojiin Ergamootaa kan hafuura qulqulluu miti akkuma wangeelli kan Yesuus ta'e. Kana jechuun bakka hafuura qulqulluu tuffachuu miti ijaarsa qo'annoo Macaafa Qulqulluu kan hafuura isa jalqabaa ykn Hojii Ergamootaa irratti dabalamee akka nu eeguuf male.

G. Hojii Ergamootaa amantii barsiisu kan wixineeffame miti (Fii fi Istaawuurtiilaali, *Akkamitti akka Macaafa Dubbisaniifi Gaarummaa Isaa Hundaa*, pp 94-112) Fakkeenya kanaa kan ta'u jijjiirraa qorannoo Macaafa Qulqulluu kan Hojii Ergamootaa kan kufaatiin itti murtaa'eedha. Tartiibaa fi bu'uurri jijjiirraa Hojii Ergamootaa keessatti adda. Kanaafuu amala isaa kamtu seera eegaa? Gargaarsa amantiif gara xalayaa ergaa hafuuraa ilaaluutu nurra jira.

Haa ta'u malee beektoonni muraasni (Haansii Kozeelmanii) Luqaasiin itti yaadanii akka ilaalanitti kallattii biro kan Eskatooloojiin guddaa kan jaarraa 1ffaa kan karaa tajaajila Obsaa ammaa xiyyeeffannoo godhateera. Abdii eskaatooloojii odoo hin ta'in.

H. Kaayyoon Hojii Ergamootaa inni biroon Roomee keessatti haala walfakkaatuun taa'uu danda'eera. Room 9:11 Maaliif Yihuudoonni Masihicha Yihudootaa fudhachuu didan akkasumas waldaan maaliif irra caalaatti kan hin amanne ta'aa dhufee? Hojii Ergamootaa iddoo hedduutti uumama addunyaa maraatti qulqullinana humna guddaan namootatti lallabameera. Yesuus gara addunyaa maraatti isaan ergee (1:8

walbira qabi ilaali) Yihudoonni garuu isa hin fudhanne, garuu kanneen hin amaniin ykn Yihudoota hin ta'in deebii deebisaniif. Ergaan isaa Roomaa qaqqabe.

I. Yoo kaayyootu ilalama ta'e ani F.F Biruus wajjiin walii nan gala (*yaada addunyaa haaraa* p 18) Ergaa Luqaasii fi Hojii Ergamootaatiin hunda isaanii iddoo tokko turanii Jalqabni Luqaas (1:1-4) akka jalqabbii Hojii Ergamootaatti hojjeta. Kanaafuu Luqaas gochaa hundaaf ragaa ta'uu odoo hin taanee seenaa mataa isaa barreeffaman fayyadameee of eeggannoon qorannoo fi galmee isaanii sirriitti barreessee, qorannoo macaafa caaseessuun sirnaan fayyadamuuf gargaareera. Kanaafuu Luqaas barreeffama isaafi wangeela lachanuu isaa keessatti kan ibsu barbaachise dhugummaa seenaa fi wal amantummaa barumsaa waa'ee wangeelaa (Luqaas 1:4 ilaali) kan yesuusii fi waldaa kiristaanaa gidduu jiru mul'isuuf. Tarii Hojiin Ergamootaa kan irratti xiyyeeffatu ergaa guutiinsaa ta'uu danda'a (guutuu kan hin qabne, 28:31 madaali, iddoo itti jecha isa dhumaa Macaafa Qulqulluu ta'e) Ergaan kun jechoota gara garaa hedduu fi gaaleen gara fuulduraaf fuudhame (Waalteer L. Laayifiildii madaali, *kitaaba Hojii Ergamootaa kan hiike* pp 23-24) wangeelli booda itti kan yaadamu miti. Karoora B ykn wanti haaraa kunis karoora Waaqayyoon duraan murteeffameedha. (Hojii Ergamootaa 2:23; 3:18; 4:28; 13:29 madaali)

## GOOSA TOOFTAA BARREEFFAMAA

A. Hojii Ergamootaa kan NT ta'ee kan Jooshu waan karaa mootii lammaffaa gara OT deemeedha. Barreeffama seenaa. Barreeffamni seenaa wangeelaa kan ibsu kan dhugaa irratti hundaa'edha. Garuu xiyyeeffannoon isaa tartiiba gochaa yeroo ykn galmeewwan gochootaa dadhabsiisoo ta'an miti. Waaqni eenyu akka taane, akkamitti akka Waaqayyoof sirraa'uu dandeenyu akka Waaqayyoo jireenyaaf nu barbaade kanneen kan ibsu filataniiru.

B. Rakkoon hiikaa barreeffamaa wangeelaa keessatti kan ibsu kan barreeffamu tasumayyuu barreeffamaan hin keenye. (1) Kaayyoon isaanii maali (2) Dhugaan isa kami? Ykn akkamitti wantoota barreeffaman gara hojiitti jijjiiruu qabna. Dubbistoonni haala gaaffii armaan gadiin yaaduu fedhu

1. Maaliif gochoonni galmeeffaman?
2. Akkamitti wantoota wangeelaa darbanii wajjin walitti dhufu?
3. Hundee dhugaan barsiisa waa'ee wangeelaa maalii?
4. Sirna barreeffamaaf barbaachisummaa qabaa? (Gocha kamtu dursa ykn hordofa? Dhimmi kun iddoo maratti ibsameera?)
5. Sirni barreeffama hangam dheerataa? (yeroo tokko tokko barreeffamni hedduun ergaa wangeelaa ykn kaayyoo isaa bifa barreeffamaan uuma)

C. Seenaan barreeffamaa qofti ragaalee/burqaa amantii ta'uu hin qabu. Yeroo hunda wantoonni akka tasaa kan galmaa'an kan kaayyoo barreessaati. Barreeffamni seenaa kan mul'isu dhugaa iddoo hunda wangeela keessatti galmaa'eedha. Sababni isaa wantoonni ta'e hundumtuu fedhii Waaqaa amantoota hundaaf bara hundaatiif miti (fkn of ajeessuu, hedduu fuudhuu, lolaawwan geelaa, bofa harkaan qabuu itti fufa)

D. Ibsi ifaan akkaataa itti seenaa barreessan inni filatamaan Gordan Fee fi Douglas Staurt's keessatti ibsame. *Akkamitti wangeela gaarummaa isaa mara dubbisu* pp 78-93 fi 94-112.

## WABII BAKKEEWWAN SEENAA

Kitaabni haaraa Hojii Ergamootaa bakka buusuu irratti jaarraa 1$^{ffaa}$tti warra duriitiin qopheeffamaa ture. Karaan sirna qorannoo kun dhugumattu NT hubachuuf gargaaraa ture. Innis itti fufus Burce M. Minter'n maxxanfame.

*A. Kitaaba Kan Hojii Ergamotaa Kan Sirna Barreeffama Durii Keessatti*

*B. Kitaaba Hojii Ergamootaa Sirna Giriikoo-Roomaanitti*

C. *Kitaaba Hojii Ergamootaa fi Phaawuloos Mana Sirreessaa Roomaa Keessatti*

D. *Kitaaba Hojii Ergamootaa Sirna Paalootayinootaa Keessatti*

E. *Kitaaba Hojii Ergamootaa Kn Ummata Biyya Biroo Keessaa Facaa'ee Jiraatu Keessatti/Biyya isaa Kan Hin Taane*

F. *Kitaaba Hojii Ergamootaa Kan Waa'ee Macaafa Qulqullluu Qoratuu*

Kanneen biro fayyadnaiis:

1. A.N Sherwin-White *hawaasa Roomaa fi Seera Roomaa Kan Macaafa Kakuu Haaraa Keessaa*

2. Phaawuloos Barnet, *Yesuusii fi Ka'iinsa Kiristaanummaa Durii*

3. James Jeffers, *Addunyaa Giriikoo-Roomaan*

## MARSAA DUBBISAA TOKKOOFFAA (Fuula 5- Ilaali)

Kun qajeelcha sirna qorannoo barsiisaa yaadannoo kitaaba ibsu kunis kan itti ati ittigaafatamummaa hiikaa macaafaa kan mataa keetii itti laattuudha. Tokko tokkoon keenya ifa nuuf kenname keessa deemuu qabna. Si'i kan macaafaa fi hafuura qulqulluu hiikuuf dursa qabu. Ati warra waan gara garaa itti makanitti dhiisuu/lakkisuu hin qabdu.

Guutummaa kitaabichaa al tokkichatti dubbisii raawwaadhu. Yaadnii ijoon kitaabichaa maal akka ta'ee jechoota keetiin ibsi.

1. Yaada ijoo gutuummaa kitaabichaa
2. Gosa barreeffamaa(akaakuu barreeffamaa)

## MARSAA DUBBISAA LAMMAFFAA

Kun qajeelcha sirna qorannoo barsiisaa yaadannoo kitaaba ibsu kunis kan itti ati ittigaafatamummaa hiikaa macaafaa kan mataa keetii itti laattuudha. Tokko tokkoon keenya ifa nuuf kenname keessa deemuu qabna. Si'i kan macaafaa fi hafuura qulqulluu hiikuuf dursa qabu. Ati warra waan gara garaa itti makanitti dhiisuu/lakkisuu hin qabdu.

Yeroo lammataaf guutummaa kitaabichaa al tokkichatti dubbisii raawwaadhu. Yaada ijoo hima qeentee tokkoon ibsi .

1. Yaada-rimee garee isa jalqabaa
2. Yaada-rimee garee isa lammataa
3. Yaada-rimee garee isa sadaffaa
4. Yaada-rimee garee isa afuraffaa
5. Kkf.

# HOJII ERGAMOOTAA 1

## HIRAMSA KEYYATAA HIIKKAA HAMMAYYAA

| YBS | NKJV | NRSV | TIV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| **Abdii Hafuura Qul** | **Itti lixa** | **Seensa; Kiristoos isa ka'ee** | **Seensa** | **Ittis lixa** |
| **1:1-5** | **1:1-3** | **1:1-5** | **1:1-5** | **1:1-5** |
| | **Abdii Hafua Qulqullu** | | | |
| | **1:4-8** | | | |
| **Ka'ee ol bahuu yesuus** | | **Ka'e ol bahuu Yesuus** | **Yesuus Waaqatti ol butamu** | **Ka'ee ol bahuu Yesuus** |
| **1:6-11** | | **1:6-11** | **1:6** | **1:6-8** |
| | | | **1:7-9** | **1:9-11** |
| | **Yesuus Waaqaatti ol bahe** | | | |
| | **1:9-11** | | | |
| **Filannoo bakka bu'aa Yihudaadha** | **Walgeetti kdahataa kutaa olii keessaa** | **Gumii kudha lameenii** | **Bakka bu'aa Yihudaa** | **Garee Ergamoota** |
| **1:12-14** | **1:12-14** | **1:12-14** | **1:12-14** | **1:12-14** |
| | **Filatamu Maatiyaas** | | | **Yihudaan bakka bu'e** |
| **1:15-26** | **1:15-26** | **1:15-26** | **1:15-17** | **1:15-20** |
| | | | **1:18-19** | |
| | | | **1:20** | |
| | | | **1:21-22** | **1:21-22** |
| | | | **1:23-26** | **1:23-26** |

**MARROO DUBBISAA SADII ("Qajeelcha irraa gara dubbisa gaarii Kitaaba Qulqutti geessu" fuula vii)**
***FEDHA BARREESSAA KA'UMSA SADARKAA KEYYATAATTI HORDOFU***

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti, kanaaf hiikkaa keetiif Kitaaba Qulqulluu keetiif, ittigaafatamaadha. Tokkoon tokko keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluu keefi, hafuurri Qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdan.

Boqonnicha taa'umsa tokkoon dubbisi. Dhimmasaa addaan baafadhu. Hiramsa dubbii kee hiramsa hiikkaale shanan olitti ibsamanii jiran bira qabii ilaali. Buufanni afuurahun miti, garuu fedha barreessaa ka'umsaa hordofuuf furtuudha, suni moo ifa hiikkooti. Buufanni dhimma tokkoo fi tokko qofa qaba.

1. Keyyata duraa

2. Keyyata lammeessoo

3. Keyyata sadeessoo

4. Kkf

**QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE**

> **Barroo Kitaaba Qulqulluu NASB (Hammayaawe): HoE 1:1-5**
> **[1]Yaa ulfaataa Tewofiloos! Macaafa koo isa kanaan duraa keessatti, waan Yesuus hojjetee fi barsiise hundumaa caafee. [2]Kunis immoo jalqaba isaatii kaasee, hamma guyyaa inni ergamoota isaa warra fo'ate hafuura qulqulluudhaan abboomee, gara Waaqaatti ol fudhatameetti kan ta'eedha. [3]Yesyys du'a usaa booddee immoo jiraataa akka ta'e, deddeebi'ee karaa hin mamsiifneen isaanitti of mul'ise; guyyaa afurtamaaf akka isa argan godhe, waa'ee mootummaa Waaqayyoos isaanitti ni dubbate. [4]Isaanii wajjin utuu jiruus, "Abdii abbaan koo isiniif kenne, isa ani isinitti hime sana eeggadhaa malee, Yeruusaalemii hin ba'inaa!" jedhee isaan abboome. [5]Itti dabalees, "Yohaannis bishaaniin cuuphe, isin garuu guyyaa baay'ee utuu hin turin hafuura qulqulluudhaan ni cuuphamtu" jedhe.**

**1:1 "Macaafa koo isa kanaan duraa keessatti"** kun agarsiiftuu giddu galeessaa dha, "kaniin tolche" jedhuudha. Luqaas barreessaa wangeela Luqaasii fi HoE ta'uunsaa ni beekama (Luq 1:1-4 fi HoE 1:1-2) jiran wal cina qabii ilaali). Jechi "jildii" jedhu afaan Giriikii keessatti akka seensa seenaatti faayidaa kenna. Akka teekinikaatti (S.S Giriik durii keessatti) hojii sadii keessaa tokkotti maxxana. Dhugumaan haasa'uuf akkaataan xumura wangeela HoE yoo ilaalle, Luqaas jildii sadaffaa barreessuuf karoora waan qabu fakkaata. Namoonni gariin, warrii Ergamoo Tikoota jedhamani, moo (kitaabni 1Ximootiwoos, 2Ximootiwoos, fi Tiitoon) Luqaasiin barraa'uu hin oolu jedhani tilmaamu.

▣ **"Tewofiloos!"** Maqaan kun jechoota (1) Waaqayyo (Tewoo) fi (2) jaalala obbolaa (Filoos) jedhurra midhanfame. Hiikkoo "jaalala Waaqayyoo" "michuu Waaqayyoo" ykn "jaalatamaa Waaqayyoo"

Maqaa "baayyee dandaa" Luqaas 1:3 keessatti tuqamee fi abbootii aangoo mootummaa Roomaanotaa (HoE 23:26, 24:3, 26:25) keessatti ka'aa turee fi hawaasa Roomaanotaa keessatti kabajaa olaanaaf fayyadamanidha. Innis kitaaboota Luqaas lameen barreessuu, garagaalchuu fi raasuu irratti qooda fudhachuusaatiin nama faayidaa argate ta'uu danda'a. Aadaan waldaa akka T.Falviyaas Kilmens, Domitaan jettee yaamti.

▣ **"Waan Yesuus hojjetee hunda caafeera"** kunis wangeela Luqaas agarsiisuufidha. Wanni dinqisiisaan Luqaas jedhe "hunda" waan Yesuus hojjete isa jedhudha! Sababa (akkuma wangeela Sinooptikaa) wangeelli Luqaas kan inni itti xiyyeeffate jireenyaa fi barsiisa Yesuus irratti ta'uusaati.

**1:2 "hanga guyyaa inni gara Waaqaatti ol fudhatameetti"** ol bahuu Yesuus agarsiisuf jechoonni Giriikonni fayyadaman heddu ni jirani:

> **MATA DUREE ADDAA: OL BAHIINSA**
>
> 1. *analambanō*, as fudhatamuu (HoE 1:2, 11, 22, 1Xim 3:16) kun Septu'aent II Moto: 2:9,11 keessatti ol butamu Elsaay fi Maqabees 2:58 keessatti fayyadameee
> 2. *epair*ō, ol bahuu, ol ka'uu, ol dabaluu (HoE 1:9)

3. *anatēpsis* (Luqaas 9:51, lakk #1)
4. *diistēmi*, sokkuu
5. *anabainō*, ol bahuu (Yohaannis 6:26)

Haalli kun wangeela Maatiwoos ykn Maarqoos keessatti hin barroofne. Wangeelli Maarqoos boqonnaa 16:8 irratti xumurama, garuu barroon dabalataa sadeen boodarra bahan hanga 16:19 (analambanō) qabu

▣ **"ergamootasaa warra fo'atee Hafuura Qulqulluun"**

**MATA DUREE ADDAA: EENYUMMAA HAFUURA QULQULLUU**

Kun yeroo itti Hafurri Qulqulluun jalqabaaf maqaa itti dhahamudha; inni moo HoE keessatti isa baayyee barbaachisaadha. Kakuu Moofaa keessatti "Hafuura Waaqayyoo" (mach) isa humna akeeka YHWH raawwachaa turedha, garuu waan matayyaa ta'uusaaf fiixeen hamtuu hin jiru (KM, amantaa tokkeeti). Haa ta'uuti Kakuu Haaraa keessatti matayyummaa fi duunfaan guutuutti ibsameera.

1. Ni arrabfama (Matt 12:31; Marq 3:29)
2. Ni barsiisa (Luq 12:12; Yoh 14:26)
3. Ragaaa ni dhiyeessa (Yoh 15:26)
4. Ni marsisa, ni qajeelcha (Yoh 16:7-15)
5. Ni yaamama "Eenyu" (hos, Efe 1:14)
6. Ni aara (Efe 4:30)
7. Ni ukkaamama (1Taslo 5:19)

Barroon Tiriintaarotaa sadachaan ibsa (Barroo adda sadacha jedhu 2:32-33 jiru ilaalaa)

1. Matt. 28:19
2. 2Qor. 13:14
3. 1Phex. 1:2

Hafuurri Qulqulluu hojumaata namaan walqabata

1. HoE. 15:28
2. Rom. 8:26
3. 1Qor. 12:11
4. Efs. 4:30
5. 1Xim. 5:15

Jalqaba HoE. irratti shoorri Hafuura Qulqulluu yyeeffannoo argateera. Pheenxe qoosxeen eegalamuu hojii Hafuura Qulqulluu miti, garuu boqonnaa har'a Luqaas hojii wangeela boqonnaa haaraa waldaalee qopheesse. Ammalle moo Yesuus xiyyeeffannoodha, Hafuurri moo toftaadha, jaalalli Abbaa, dhiifamni, fi iddootti deebi'uun namootaa bifasaan tolchee moo galmadha!

▣ **"abboome"** kun odeeffannoo <u>**malee**</u> waan wangeela Luqaas keessa jiru miti, garuu Matt 28:18 fi HoE 1:8dha.

▣ **"abboomi"** kun agarsiiftuu giddu galeessaadha. Hayyoonni tokko tokko kana akka agarsiisa 1:8tti fudhatu. (Matt 28:19-20; Luq 24:45-47 ykn Luq 24:49). Waldaan tajaajila lama qabdi (1) wangeela lallabuu fi kiristoosummaatti bilchessuu. Amantoonni moo humna Waaqayyoo eegalanii hidhachuun achi gahuun danda'u. (2) kaani moo akka agarsiisa "hanga afuurri dhufee isin humnoomsutti Yeruusaalem turaa" jedheet fudhata (lak 4, Luq 24:49)

▣ **"argamoota"** Gabatee maqaa ergamootaa 1:13 ilaalaa

▣ **"warra fo'ate" "fo'ate"** agarsiiftuu giddu galeessaadha. Bifa lamaan tajaajila. Kakuu Moofaa keessatti tajaajila, agarsiisa fayyina miti; garuu Kakuu Haaraa keessatti fayyina afuuraa kan agarsiisudha. Amma waan lamaanu kan agarsiisu fakkaata (Luqaas 6:13)

**1:3** "**deebi'ee isaanitti of mul'ise**" kun feetu Yesuusiin mana olii keessatti si'a sadii guyyoota sanbataa walitti aanan mul'ate agarsiisa. Garuu kan biraas ni agarsiisa (1Qor 15:5-8). Du'aa ka'uun Yesuus dhugooma wangeelaaf baay'ee barbaachisaadha. (2:24, 32, 3:15, 26; 4:10; 5:35; 10:40; 13:30, 33, 34, 37; 17:31; fi keessattu 1Qor 15:12-19-20)

Gabateen itti aanu jiru akkaataa mul'ina Yesuus du'aan booda jiru Powul Baarneet, Yesuus and Rise of Early Ehristianity p185.

| **Yohaannis** | **Maatiwoos** | **Luqaas** | **1Qoronxos** |
|---|---|---|---|
| | ***Mul'ina Yeruusaalem*** | | |
| Maariyaam (Yoh. 20:15) | | | |
| | dubartoota (Mat. 28:9) | | |
| | | Simoon (Luk. 24:34) | Keefaa (1Qor. 15:5) |
| | | daandii Emaawus irratti lameenitti (Luq. 24:15) | |
| | | duuka buutootatti (Luq. 24:36) | |
| | | | kudha lamenitit (1Qor. 15:5) |
| duuka buutoota kudhanitti (Yoh. 20:17) | | | |
| duuka buutoota kudha tokkotti (Yoh. 20:26) | | | |
| | ***Mul'ata Galiila*** | | |
| | | | Amantoota +500 (1Qor. 15:6; akkanuma Matt. 28:16-20) |
| | | | Yaaqob (1Qor. 15:7) |
| duuka buutoota torba (Yoh. 21:1) | | | |
| | duuka buutoota (Matt. 28:16-20) | | |
| | ***Mul'ata Yerusaalem*** | | |
| | | ol bahuu (Luq. 24:50-51) | Ergamoota hunda (1Qor. 15:7) |

▣

**NASB, NRSV,**

| | |
|---|---|
| **NIV** | **"ragaaalee amansiisaa ta'aniin"** |
| **NKJV** | **"ragaa hin shakkisifneen"** |
| **TIV** | **"karaa baayyee hin shakkamneen"** |
| **NJB** | **"karaa agarsiisa baayyeen"** |

Jechi *tekmērion* Griikotaa jedhu Kakuu Haaraa keessatti tajaajila. *Jechoota hogbarruu Giriikootaa* keessati Moltanii fi Miligan The Vocabulary of Greek Testament, Ful 628 ta'e yaada gaariidha. Innis "ragaa agarsiisaa"ti. Jechichi ogummaa Solomon keessattis 5:11, 19:3 fi 3 Makabes 3:24 keessatti fayyadeera.

▣ **"Du'asaa booddee"** Amantoonni Yihudaa haala wangeela kanaa fudhachuu kan danda'an rakkinaanidha. (1Qor 1:23). Kakuu Moofaa keessatti dhiphinni Masiihichaa ibsameera. (Ser Uma 3:15, Far 22; Isa 53 fi Luq 24:45-47) kun lallaba ergamootaa xinamantoota muummee ta'anii isa mirkanaahedha. (*Kerygama*; Mata dure addaa 2:13 ilaala)

Luqaas irra deddeebi'ee jecha *Paschō* (dhiphina) jedhu fanno Yesuus agarsiisuuf fayyadama. (Luq 9:22; 17:25; 22:15; 24:26,46; HoE 1:3; 3:18; 9:16; 17:3) Luqaas kana feetu wangeela Maarqoos irraa fudhate ta'a. (8:31)

▣ **"akka isa argan godhe"** Kakuu Haaraa keessatti mul'achuu Yesuus du'a booda kan agarsiisan lakk kudhani hanga kudha tokko ta'an nuuf barraa'e ni argina. Isaan kunis akka fakkeenyaatti dhiyaatan malee guuttumaadha jechuu miti. Yeroo kanatti Yesuus dhufe – deeme malee, garee tokkoyyu waliin hin turre.

▣ **"guyyoota afurtama"** Kun jechama Kakuu Haaraa yeroo dheeraa addaan hin baafamneeti, marroo ji'aarra kan dheeratudha. Asitti moo yeroo jila Yihudoota Faasikaa fi guyyaa Phenxeqosxee (guyyaa shantamaffaa) gidduu jiruu kan agarsiisudha. Abbaan odeeffannoo kana Luqaas qofadha. Hanga guyyaan ol bahinsaa dhimma hin taanetti (barreessitoota kiristiyaananu hanga bara 4 D.Bti hin barroofne) akeekni lakkoofsicha biroon jiraachu qaba. Waa'ee Muusee isa tulluu Sinaa gubbaa qoramuu Gooftaa Yesuus, ykn waan nuyi hin beekneen, garuu guyichi mataansaa dhimma miti.

▣ **"waa'ee mootummaa Waaqayyoo isaanitti dubbate"** Warri Jenostiks moo Yesuus guyyoota jila Faasikaa fi guyyaa Phenxeqosxe gidduutti odeeffannoo icciti ta'e sana gareesaatti himeera jedhani quuqamu. Kun kijiba. Haa ta'uuti, daandii Emaawus gubbaatti barsiifni inni warra lameeniin barsiise gahaadha. Akka ani yaadutti Yesuus hoggantoota waldaa Kakuu Moofaa irraa waa'eesaaf isa jedhame, waa'ee jireenyasaa, du'asaa, du'aa ka'uusaa fi deebi'ee dhufusaa agarsiise. Mata duree addaa: Mootummaa Waaqayyo itti aanu ilaalaa.

**MATA DUREE ADDAA: MOOTUMMAA WAAQAYYOO**

Kakuu Haarawaa keessatti YHWHn akka mooti Israa'elitti ilaalama (1Sam 8:7, Far 10:16; 24:7; 29:10; 44:4; 89:18; 95:3; Isa 43:15; 44:4,6) fi Masihichi moo akka mootii addaati (Far 2:6) Beetelihemitti dhalachuu Yesuusi irraa kan ka'e (6-4 KD) Mootummaan Waaqayyo seenaa namootaatti jijiirame kun moo humna haarawaa fi araaraan ta'e (Kakuu Haarawaa, Em 31:31-34; Hiz 36:17-36)ti. Yohaannis cuuphaan mootummaan Waaqayyo dhiyaachushee labse. (Matt 3:2; Matt 1:15) Yesuus moo mootummichi isaan fi barsiisa isaan ta'uusaa barsiise. (Matt 4:17,23; 9:35; 10:7; 11:11-12; 12:28; 16:19; Marq 12:34; Luq 10:9, 11; 11:20 12:31-32; 16:16; 17:21) Ammale mootummichi fuldurati (Matt 16:28, 24:14, 26:29, Marq 9:1, Luq 21:31; 22:16,18)

Cinaayinni Sinooptikaa Maarqosii fi Luqaas gidduu jiru gaalee "Mootummaa Waaqayyo" jedhu arganna. Mata dureen barsiisa Yesuus kun mootummaa Waaqayyo amma onnee namootaa keessa jiru, gaaf tokko moo bahee biyya lafaa guutu kan agarsiisudha. Kun moo kedhata Yesuus Matt 6:10 keesatti mul'ata. Maatiwoos Yihudootaaf barreeffame, gaalee maqaa Waaqayyoo qabate fayyadamu dhiisee (mootummaa Waaqarraa), Maarqosii fi Luqaas, ormootaa barreessan, maqaa ayyaanaa, isa beekkama ta'een fayyadamani.

Muddamni kun dhufaatii Kiristoos lameen irraa kan ka'edha. Kakuu Moofaa dhufaatii Masii Waaqayyoo tokko irratti xiyyeeffata – waraana, abbaa murtoo, ulfina qabeessa dhufa – garuu Kakuu Haarawaa akka tajaajilaa dhiphinaa dura dhufa jedhe agarsiisa Isa 53, mootii gara laafessa Zak 9:9. Baroonni Yihudootaa, barrii jallinaa fi barri qajeelummaa, walirra dhufu. Yesuus onne amantootaa irratti amma moheera, gaaf tokko moo umama hunduma irratti ni moha. Akka Kakuu Moofaa raaje ni ta'a. Amantoonni "qaata" fi "diiram" mootummaa Waaqayyo gidduu jiraatu (Gordon D. Fee fi Dogias Stuart. *How to Read the Bible For All its Worth*, fuula 131-134)

**1:4**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"walitti isaan qabee** |
| **NKYB** | **"*isaan* wajjiin gumii ta'ee"** |
| **NRSF** | **"yommuu isaan waliin turetti"** |
| **TIV** | **"wayita walitti dhufan"** |
| **TIV[a]** | **"Yommuu isaan wajjiin turetti** |
| **TIV[b], NIV** | **"wayita isana waliin nyaatetti** |
| **NJB, KNOX** | **"yommuu minjaalatti marsani taa'an** |

Lakkoofsi 4-5 jiru akkaataa mul'ina Yesuus tokko akka fakkeenya mul'ina yeroo baayyeetti fudhatu. Jecha *Sunalizomenso* jedhu addatti qubeeffamu, Qubeeni moo hiikkaa ni jijjiira.

1. a dheeraan – yaa'ii/gumii
2. a gababaan – walin nyaachuu ("sogiddaan")
3. Au (dagale dubbachiftu lama) – walin turu.

Isa kam akka Yesuus hin beekkamne, garuu Luqaas 24:41-43 (Yoh 21) keessatti Yesuus ergamoota waliin nyaachun, akka ragaa du'aa ka'uusaatti dhiyeessa (lak 3)

▣ **"Yeruusaalemi hin ba'iina"** Kun Luqaas 24:49 keessatti galmaa'eera. Kutaan eegala HoE, gulaallii wangeela Luqaas xumuraati. Akkaataa walitti gudunfii kitaaboota lamaanii ta'ee ilaallama.

▣ **"abdii Abbaan koo isiniif kennee…eegaa"** Boqonnaa 2:16-21 keessatti Pheexiroos raajii bara dhumaa isa Iyyo'eel 2:28-32 keessatti raajeen walitti firomsa. Hanga guyyaa Pheenxeqosxeetti guyyoota kudha eegani. Luqaas adda baasee "abii abbaan koo" isa jedhu Hafuura qulqulluutti fakkeesse (Lu.q 4:49; Hoe 2:33). Yesuus dureseetu akka afuurri dhufu Yohaannis 14:16 keessatti dubbateea. Haa ta'uuti, Luqaas abdii Abbaa akka waan

tokko qofatti hin ilaali (S.S. Hafuura Qulqulluu garuu abdiin fayyina Kakuu Moofaa Israa'elootaaf karaa nama Masiihicha dhufeef HoE. 2:39; 13:23,32,25:6).

▣ **"Abbaa"** Kakuu Moofaa jechama beekama Waaqayyo abbaa jedhu yoo ibsu (1) sabni Israa'eel guutuun akka ijoollee YHWHtti waan fudhatamaniif (Hos 11:1; Mal. 3:17); (2) kana ganama Keessa Deebi keessatti waa'een fakkeenya Waaqayyo abbummaa ni jira (1:31); (3) Keessa Deebii 32:6 keessatti, Israa'el "ijoollee isaa" fi Waaqayyo moo "abbaa keessan" jedhamee yaamameera (4) fakkeenyisaa Far. 103:13 fi Far. 68:5 (abba al butootaa) fi (5) raaoota biratti (Isa. 1:2; 63:16; 64:8; Erm. 3:4,19; 31:9).

Yesuus afaan Armaayik dubbata, iddoo baayyeetti jechi afaan Giriikiin "Father" jedhu Pheexiroosi moo "abbaa" (14:36) jedhe dubbate. Jechoonni "Daadi" ykn "Pappaa" jedhan walitti dhiyeenya Yesuusii fi Abbaan qaban kan agarsiisuudha. Kana agarsiisuunsaa hordoftootasaatti nullee akka Waaqayyootti jabaannu nu garaara. Jechi "abbaa" jedhu Kakuu Moofaa keessatti dabre dabree hojirra ooleera. (barro barsiisoota keessatti miti) akka YHWHtti, Yesuus garuu irra deddeebi'ee dhimma itti baheera. Kun mul'ina amantoota muummee isa walqunnamtii haarawaa Waaqayyon karaa Kiristoosin ta'eeti (Matt. 6:9).

**1:5 "Yohaannis"** Wangeelli afran (Matt. 3:1-12;Marq.1:2-8; Luq. 3:15-17; Yoh.1:6-8; 19:28)hojii wangeelaYohaannis cuuphaa dubbatu. "Jon" jechuun maqaa kottonfatuu afaan Ibrootaan "Yohaabaan" jedhuuti. Kunis "YHWHn ulfaataadha" ykn "kennaa YHWH" ti jechuudha. Maqaansaa barbaachisaadha, akkuma maqoota Kitaaba Qulqulluu hnda, gara akeeka Waaqayyoo jireenyaatti geessa. Yohaannis raajoota Kakuu Moofaa keessaa isa xumuraati. Eegi Milkiyaas bara 430 KD, Israa'el keessatti raajiin hin turre. Dhufaatinsaa Israa'eloota gidduutti dadammaqina uumeera.

▣ **"bishaaniin cuuphe"** Yihudoota jaarraa duraa fi itti aanaa keessa turan biratti cuuphaan aadaadha; garuu cuuphichi duuka buutuu gochuu walin hidhata qaba. Yommuu namni tokko Ormoota keessaa gara ijoollee Israa'elummaatti guddachuu barbaade wantoota sadii guuttata (1) dhaqna qabaa (yoo dhiira ta'e) (2) ufiin cuuphaa, ragaalee sadii durattii fi (3) yoo danda'e moo aarsaa iddo sagadaa. Garee cita Filisxeemoota jaarraa duraa, kan akka Eseene biratti, cuuphaan aadaadha. Haa ta'uuti, Yihudoota hidda ganama biratti, jila kanaaf kan godhamudha. (1) akka qulqullina afuuratti (Isa. 1:16) fi (2) aadaa lubootaan gegeeffamudha (Ba'u. 19:10 Lew. 15).

▣ **"afuura Qulqulluun cuuphamtu"** Kun dhugaadha. Sagaleen taasifamee feetu Yesuusin agarsiisa. Sababni Matt. 3:11, Luq. 3:16. Maqdureen "ev" jechuun "in" "with" ykn "by" ta'a (S.S. meeshaa, Matt. 3:11). Gaaleen kun haala lama agarsiisa: (1) kirisityaana ta'uu (Qor. 12:13) ykn (2) yaada kanaan, kennaa humna afuraa hojii wangeelaaf ooluti. Gaalee kana keessatti Yohaannis cuuphaan waa'ee hojii wangeelaa Yesuus dubbata (Matt. 3:11; Marq. 1:8; Luq. 3:16-17; Yohaannis 1:33).

Kun akkaayina cuuphaa Yohaannisidha. Masiihichi bara afuura haarawaa ni kabajata. Cuuphaasaa afuura ("keessan" ykn "ni") waliinidha. Bu'uuraale amantii hedduu keessatti shaakala kiristiyaanummaa maal akka agarsiisu irratti mariin hedduu godhameera. Gariin kana akka shaakala homnoomsuu isa fayyina boodaati fudhatau eebba lammataati. Ani akka dhuunfaati akka inni kiristiyaanummaa agarsiisuttin fudha. (1Qor. 12:13) Isa BOodarra ta'uuf jedhu guutamuu fi hidhachuu sana haaluu koo miti, garuu ani nin amana, jalqaba cuuphaa afuuraa tokkotu Kiristoosiif jira. Isa kanaan amantoonni du'aa fi du'aa ka'uusaa ittiin adda baafatuu (Rom. 6:3-4; Efs. 4:5; Qol. 2:13). Hojiin afuuraa kun Yohaannis 16:8-11 keessatti tuqame. Hubannoo kootti hojiin afuura qulqulluudhaa:

1. Cubbuu yakkuu
2. Waa'ee Kiristoos mul'isuu
3. Wangeela akka fudhatan geggeessu
4. Kiristoositti cuuphuu
5. Amantoota cubbuutti jiran yakkuu
6. Amantoota keessatti kiristoosummaa tolchuu

▣ **"guyyaa baay'ee utuu hin turiin"** Kun jila pheenxeqosxee Yihudootaa torbee torba booddee ta'e Faasikaan kan agarsiisudha. Abbummaa Waaqayyo makara sassaabme agarsiisa. Faasikaa oolee guyyoota shantamatti dhufe (Lew. 23:15-31; Ba'u. 34:22; Deebi 16:10).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYA'E) 1:6-11**

**6Yeroo walitti qabamanii ergamoonni, "Yaa gooftaa, si'a kana Israa'eliif mootummaa deebiftaafii ree?" jedhanii gaafata. 7Inni immoo, "Yeroo yookiis bara abbaan gootummaa isaatiin dhaabe, beekuun isiniif hinkennamne. 8Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu'u, human ni godhattu; Yeruusaalemitti, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma andaara lafaattis dhuga-baatuu koo ni dubbatees, utuma isaan ilaalanii gara Waaqaatti ol fudhatame; duumessi isa simate, ija isaanii duraas ni dhokse. 10Utuma isaan karaa inni ol ba'e sanatti ija hin buqqifatin, kunoo, namoonni uffata adaadii uffatan lama isaan bukkee dhaabatanii, 11"Isin namoota Galiilaa maaliif dhaabattanii Waaqa keessa ilaalaa jirtu? Yesus, inni isin biraa gara Waaqaatti ol fudhatame kun akkuma argitan kanatti immoo, deebi'ee ni dhufa" jedhaniin.**

**1:6 "isa gaafatan"** Yeroo al-qaatee kun jechuun gocha yeroo darbe godhame ykn gochuuf yaalamedha. Kana ergamtoonni yeroo hedduu gaafataniiru.

▣ **"Gooftaa"** Jechi Giriikii "gooftaa" (*kurios*) jedhu miira wali galaan ykn miira xinamantii dagaagen faayidaa kenna. "obbo" "aboo" "Gooftaa" "abbaa" "dhiirsa" ykn "nama Waaqaa" (Yoh. 9:36,38) jechuudha. Ittifayyadamni (Ibroota, *adon*) Kakuu Moofaa jecha kanaa loqoda Yihudootaa maqaa kakuu Waaqayyoo YHWH waamu irra dhufedha. Bifa jecha "ta'uu" (Ba'u. 3:14) keessaati. Seera "ani Waaqayyo nama akkasumaan maqaa koo dha'u utuu hin adabiini ani waan hin dhiifneef" (Ba'u. 20:7; Deebi 5:11) jedhu cabsuu sodaaataniitu kanaafu, yoo maqaa hin dhahan ta'an, hin adabamani. Kanaaf jecha, jecha Ibroota 'adon' jedhuun bakka buusanii fayyadamani, kuni moo jecha Giriikoota Kurios (Gooftaa) jedhu waliin walgita. Barreessitoonni Kakuu Haaraa jechicha ayyaana Kiristoos guutuu agarsiisuuf fayyadamu. Gaaleen "Yesuus gooftaadha" jedhu dhuga bahiinsa amantiiti. Mala cuuphaa wadaalee ganamaa fi (Rom. 10:9-13, 1Qor. 12:3; Fili. 2:11).

▣ **"si'a kana Israa'eliif mootumaa deebiftaafiree"** Ammalle ilaalcha Yihudummaa guutummaatti qabu (Far. 14:7; Erm. 33:7; Hos. 6:11; Luq. 19:11; 24:21). Waa'ee qixa bulchiinsasaanii gaafachaa jiru.

Gaaffiin xunamantii kun ammalle walfaalla'iinsa hedduu kaasee jira. Asitti ibistuu koo Mul'ata irratti hojjedheen asi fiduu barbaade.

> "Raajonni Kakuu Moofaa, mootummaan Yihudootaa handhuura Filisxeemotaa, Yeruusaalemitti akka ijaaramtu, achittis sabni biyya lafaa hundi walgahee mooti Daawit tajaajila jedhu garuu ergamoota Kakuu Haaraa ajandaa kana hin kaafne. Kakuu Haaraa dubbii ijoo kana hambisanii ta'aa?
>
> Waa'ee xumura addunyaa maddi odeeffannoo hedduutu jira.
>
> 1. Raajoota Kakuu Moofaa
> 2. Barreessitoota raajii Kakuu Moofaa (Hiz. 37-39; Dan. 7:12)
> 3. Barreessitoota raajii Yihudoota al-qanoonaa (1Henook)
> 4. Yesuus matumasaa (Matt. 24; Marq. 13; Luq. 21)
> 5. Barroo Phaawuloos (1Qor. 15; 2Qor. 5; 1Tas. 4; 2Tas. 2)
> 6. Barroo Yohaannis (kitaaba Mul'ataa)
>
> Kun hundi ajandaa bara xumuraa (haalota, tartiiba, namoota) ni odeessaa? Yoo hin taane maaliif? Hundi kaka'umsa (barreessitoota Yihudaa walii ragooma malee) hin qabanii?
>
> Barreesitoota dhugaa Kakuu Haaraa fi afuurri jechootaa fi tartiibaan isaanitti hubachiise. Haa ta'uuti, karaa mul'ata dagaagaa ta'een yaada bara xumuraa kana gaa idila addunyaatti afuurri ol kaaseera (Efs. 2:11-3:13) fakkeenyi muraasni ni jirani.

1. Magaalaan Yeruusaalem akka fakkeenya dubbii saba Waaqayyoo (Zion) ti tajaajilte, Kakuu Haaraa keessatti moo akka Waaqayyo warra shiinawan, amanan (Yeruusaalem haarawaa Mul'ata 20:22) jiran fudhateetti ibsameera. Hiikkaan feekkeenyummaa xinamantii magaalaatti, waa'ee egeree saba Waaqayyoo isa abdii qulqullaa'uu sanyii namootaaf kenname Seera Uma. 3:15 keessaa jiru, is asana dura Yihudonnis, magaalaan Yihudootaa hin turre. Abrahaamillee yommuu yaamame (Uma. 12:3) Ormonnillee isuma waliin turani.
2. Kakuu Moofaa keessatti diinonni turani saboota gidduu gala bahaa turanidha, garuu yeroo Kakuu haaraati gara warra al-amantii ta'anii, gara warra farra Waaqayyoo ta'anitti, saba seeyxanaan dhuunfatameetti babal'ate. Lolichi qubsama lafaa, naannoma irra ka'ee gara lola uumeetti jijjiirame.
3. Abdiin biyya inni Kakuu Moofaa keessaa, (inni abdii Abbummaa) amma biyya lafaa mara ta'e. Yeruusaalem haarawaan lafa haaromtetti deebi'e, kun moo giddu gala bahaa qofa miti. Ykn ishe malees miti (Mul'ata 20:22).
4. Yaadonni raajooma Kakuu Moofaa keessatti fakkeenyummaan ka'an biroon (1) sanyiin Abrihaam warra dhagna qaba afuuraa (Rom. 2:28-29) argatanii, saba Kakuu isaa Ormoota dabalatedha (Hos. 1:9; 2:23; Rom. 9:24-26; akkanuma Lew. 26:12; Ba'u. 29:45; 2Qor. 6:16-18 fi Ba'u. 19:5; Deebi 14:2; Tito. 2:14; (3) iddoon sagadaa sun amma waldaadha (1Qor. 3:16) ykn amantoota dhuunfaadha. (1Qor. 6:19) fi (4) Israa'elii fi gaaleen agarsiiftuu amala kun saba Waaqayyo duuchuma agarsiisa (Gal. 6:16; 1Phex. 2:5,9-10; Mul. 1:6).

Akkayyi raajummaa guuttame, babal'atee, fi dabalata ta'e jira. Yesuusii fi barreessitoonni ergamootaa akka raajoota Kakuu Moofaati bara dhumaa hin agarsiifne (Maartin Wingaarden, *The Future of The Kingdom in Prophecy and Fulfillment*). Hiiktoonni ammayya warreen Kakuu Moofaa barroo akkayya ykn Mul'ata gara kitaaba Yihudootatti geessanii fi gaalee Yesuusii fi Phaawuloos waan booruu godhanii agarsiisu fedhu. Barreessitonni Kakuu Haaraa raajoota Kakuu Moofaa of cinatti hindhibani. Garuu hiikkaansaanii gonkuma idilooma addunyatti geeffatu.

**1:7**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"yeroo ykn bara abbaan gooftummaasaatiin dhaabe, beekuun isiniif hin kennamne.** |
| **NKJV** | **"yeroo ykn waqxilee beekuun isiniif miti"** |
| **NRSV** | **"yeroo ykn yommuu beekuun isiniif hinkennamne"** |
| **TIV** | **"yeroo fi haalonni"** |
| **NJB** | **"guyyoota ykn yeroo beekuun isiniif miti.** |

Jechi "yeroo" (*chromos*) jedhu "baroota" ykn "waggoota" (S.S. dabra yeroo) yoo ta'u, jechi "baroota" (kairos) jedhu moo "yeroo itti haalli ykn wanti itti ta'a" (Titoo 1:2-3) jechudha.

Loowu fi Niidaan: *Greek English Lexicon* jedhu keessatti lameen waliif moggayina yeroo dhuma agarsiisanidha jedhanii ibsaniiru (1Tas. 5:1). Amantoonni guyyaa ofi murteessan akka hin qabaanneef ta'uu ni beekkama, Yesuusille yeroo itti deebi'u hin beeku (Matt. 24:36; marq. 13:32). Amantoonni waqxileesaa beekanii, garuu moo qophaahanii fi dammaqanii yeroo hunda eegu qaban (Matt. 24:32-33) xiyyeen Kakuu Haaraa waa'ee lammata dhufinsaa irratti **dammaqani (si'ayinaan)** fi **qophin** eeguudha. Inni kanaa achii hanqa Waaqayyooti!

**1:8 "humna ni godhattu"** Hubadha dhufaatiin Hafura Qulqulluu, humnaa fi ragaa waliin hidhata qabaachusaa. Hojiin Ergamoota waa'ee "ragoomaa"ti (S.S. *Martus*). Kan qabiyyeedha kitaaboota (1:8,22; 2:32; 3:15; 5:32; 10:39,41; 13:31; 22:15,20; 26:16) argama. Waldaan hojiin kennameef wangeela Kiristoosiif dhugaa bahuudha! Ergamoonni dhuga baatoota jireenya Yesuusii fi barsiisasaati, kana moo ammayyuu gochaa jiru. Dhuga bahinsi sirrii humna afuura qulqulluun haawwatama.

▣ **“Yeruusaalem…Yihudaa…Samaariyaatti, hamma mandara lafaattis”** Kun daangaa hojii Ergamootaati. Yeruusaalem, boqonnaa 1-7; Yihudaa fi Samaariyaan, boqonnaa 8-12; daarii lafaa (S.S. Roomee) boqonnaa 13:28ti kun caasaa fi akeeka Yihudootaa miti, garuu sochii guutuu idila addunyaa waa’ee dhugaa Waaqayyoo, isa Kakuu isaa bara Kakuu Moofaa keessatti gantummaa sanyii nama deebisee hariiroosaatti ijaaruuti (Seera Uma. 12:3; Ba’u. 19:5; Isa. 2:2-4; 56:7; Luq. 19:46).

Hogganaan Yihudootaa inni jalqaba barro Septuajent fi abdii raajomaa YHWH deebisee Yeruusaalemin ijaaruu, Yeruusaalem kaasuu, addunyaa gara Yeruusaalemitti fiduu, kunis raawwachuu kan eege beekeeti. Isaanis Yeruusaalem keessa turani (8:1). Garuu wangeelli yaada Kakuu Moofaa warraaqsee dagaagseera. Mirgi idila addunyaadhaa (Matt. 28:18-20; HoE. 1:8). Amantoonni gara andaara addunyaa maraatti akka deeman malee, addunyaan cufti gar asana akka dhufuun isaaniif hin malle ni dubbata. Yeruusaalem bara Kakuu Haaraa fakkeenya dubbi Waaqaati (Mul’. 21:2) malee magaalaa Fisisxeemootaa ammaa miti.

**1:9 “gara Waaqaatti ol fudhatame”** Haalli kuni akka "ol fudhatamuu" fi beekkama. Yesuus inni du'aa ka'e gara iddoo ulfina saa isa dur-argamama saati deebi'e deeme (Luq 24:50-51; Yoh. 6:22; 20:17; Efs. 4:10; 1Xim 3:16; Ibr. 4:14 fi 1Phex. 3:22). Bakka bu'aan sagale taasifamee hin ibsamne jecha Abbaa jedhudha.

▣ **"duumessi"** Hurriin mallatto bara xumuraa jabaadha. Hurriin (duumessi) bifa sadiin KM keessatti tajaajila.

1. argamuu Waaqayyoo isa qaamaanii, duumessa ulfinaa sheekinaa (Ba'u. 13:21, 16:10; Lakk. 11:25)
2. Qulqullooma saa haguuguuf, kanaafis namoonni Waaqayyoon arganii akka hin duuneef (Ba'u 33:20, Far 18:9, isa 6:5) fi
3. ayyaana godaansuuf (Far 104:3, isa 19:1). Daani'eel 7:13 keessatti duumeessi godaansa ayyaana Masiihichaa fi ooleera.

Raajiin Daani'eel keessaa kuni yeroo 30 oliif KH keessatti tuqameera. Qunnamtiin Masiihichaa inni duumeessa Waaqaa keessaa Matt. 26:24; Marq. 13:26; 14:62; HoE. 1:9,11 fi 1Tas. 4:17 keessa ni argama.Mata duree addaa kanattii aanee jiru ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: DUMEESSAAN DHUFUU ISAA**

Hurriin mallatto bara xumuraa jabaadha. Hurriin (duumessi) bifa sadiin KM keessatti tajaajila.

I. argamuu Waaqayyoo isa qaamaanii, duumessa ulfinaa sheekinaa (Ba'u. 13:21, 16:10; Lakk. 11:25)
II. Qulqullooma saa haguuguuf, kanaafis namoonni Waaqayyoon arganii akka hin duuneef (Ba'u 33:20, Far 18:9, isa 6:5) fi
III. ayyaana godaansuuf (Far 104:3, isa 19:1). Daani'eel 7:13 keessatti duumeessi godaansa ayyaana Masiihichaa fi ooleera.

Raajiin Daani'eel keessaa kuni yeroo 30 oliif KH keessatti tuqameera. Qunnamtiin Masiihichaa inni duumeessa Waaqaa keessaa Matt. 26:24; Marq. 13:26; 14:62; HoE. 1:9,11 fi 1Tas. 4:17 keessa ni argama.

**1:10 "Utuma isaan karaa inni ol ba'e”** Sanarra ija hin buqifatin kuni dubbii naannoo hir'uudha. Hanga danda'an Yesuusiin arguuf baayyee ifaajani, Eguma inni argaa saanii jalaa bahellee argahittuma fufanii turani.

Jechi kuni Luqaas keessattile ni jiran (Luqaas 4:20; 22:56; HoE. 1:10; 3:4,12; 6:15; 7:55; 10:4; 11:6: 13:9; 14:9; 23:1 Luqaasii fi HoE. alatti si'a lama 2Qor. 3 keessatti) kan inni agasiisuus "Xiyye ilaan ilaalu" "irra buqqifachu malee" ykn ija utuu hin lipsatiin" jechudha.

▣ **"gara Waaqaatti"** Namoonni durii Waaqxi asii ol ta'uutti amanu; garuu bara keenya kanas, ol ta'uun akka abbaa fi Luqaas 24:31 keessatti Yesuus argaa jalaa sokka. Kuni aadaa keenyaaf akkaayina gaarii ta'u ni danda'a. Waaqxi gaara sana fi achi sana miti, garuu kallatti yeroo fi iddoon beekkameen miti. Waaqxi kallatti Odoo hin taanee nama dha.

▣ **"namoota uffata adaatii lama"** KH ergamoota Waaqayyoo uffata adii dhaan isaan ibsa. (Luq. 24:4; Yoh. 20:12) Ergamonni dhaloota saa irratti mul'atani, qoramuu saatti Geeta Samaaniitti, iddoo awwaallaa fi as iddo ol bahuu saatti mul'ataniiru.

**1:11 "namoota Galiilaa"** Yeroo baayyee Luqaas, HoE. keessatti duuka buutoota namoota Galiilaa ta'uu saanii tuqeera (2:7; 13:31) kudha lameenuu, Yihudaa warra Asqoorti irraa kan hafe hundi saanii namoota Galiilaa ti. Naannoon kuni jiraattota yihudaan bula sababnis Ormoota baayytu keessa jiraata, akka dubbii dur durii (Talmud) fi gocha saaniin cimoo (kosher) miti.

▣ **"yesuus . . . deebi'e ni dhufa** " Namonni xinamanti murasni Yesuusii fi kiristoos gidduu garaa garaagartee kaa'u. Ergamonni kuni moo inni isaan deebi'uu saatti beekan yesuus ta'u mirkansu. Inni ulfinaan, kiristoos ta'ee ol fudhatame yesuus nama Naazireeticha fi Inni Waaqayyo /namoomati.

Yesuus akkuma duumessa Waaqaan ol fudhatametti deebi'e ni dhufa (Matt. 10:23; 16:27; 24:3, 27,37,39; 26:64; Marq. 8:38-39; 13:26; Luq. 21:27; Yoh. 21:22; 1Qor. 15:23; 1Tas. 1:10 4:16, 2Tas. 1:7, 10; 2:1,8, Yaq. 5:7-8; 2 Phex 1:16; 3:4,12; 1yoh 2:28, Mul 1:7) Dhufaatiin lammeessoo yesuus Kakuu Haaraa keessatti qabiyye ijoo fi yeroo ti. Sababonni itti wangeelli barreeffamaan yeroo dheeraa kana fudhatee akka barraa'u ta'eef tilmaama waldaaleen dhufaatii kiristoos irratti akka dafee ta'e qabaniifidha. Turtiin saa ajaa'ibaa, du'aatiin ergamootaa, dhufaatiin barsiistoota dogoggoraa hundi waldaan barsii saa fi jireenya yesuus bifa barron akka qabaattii taasise.

**1:12 "Deebi'ani"** Luqaas 24:52 "gammachu guddaan" kan jedhu itti dabaleera.

▣ **“gaara ejersaatti”** Kuni isa Luqaas 24:50 keessa jiruu waan walfaallessu fakkaata. (S.S Bitaaniyaa dha), haa ta'u Luqaas 19:29 fi 21:37 isa Maarqoos 11:11-12 fi 14:3 waliin wal cina qabaa ilaalaa. Gooroon akka gaara ejersaatti beekkamu suni maayita 2.5 isa hanga faana 300-400 ol yeruusaalem fagaatu, sulula Qidiroon gara bitaa Bitaaniyaa, iddo sagadaa qaxxamuranii itti dhaqani dha. KM keessatti akka bara xumuraatti tuqameera. (lak 14:4) yesuus duuka buutoota waliin kadhataa fi gumaa'uuf iddoo sanatti godheera.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA’E) 1:12-14**

**12Kana booddee ergamoonni gaara ejersaatii gara Yerusaalemitti deebi’an; gaarichi mandaricha irraa adeemsa guyyaa Sanbataa, kunis akka dhundhuma kuma lamaa ni fagaata ture. 13Yommuu deebi’an immoo mana isa keessa turan kutaa olaanutti galan. Isaanis Pheexiroos, Yohaannis, Yaaqoob, Indriiyaas, Filiphos, Toomaas, Bartolomewos, Maatewos, Yaaqoob ilma Alfewos, Simoon isa “Hinaafticha” jedhamee beekamee fi Yihudaa ilma Yaaqoob turan. 14Isaan kun hundinuu dubartoota tokkoo wajjin, Maariyaam haadha Yesuus, obboloota isaa wajjinis yaada tokkoon kadhataaf of kennanii turan.**

▣ **“adeemsa guyyaa sanbataa fagaata”** fageenyi yihudonni imalan gaafa Sanbataa barsiisotaan murtaa'a. (Ba'u 16:29 Lak. 35:5). Fageenya hanga tarkaanfii 2,000 (ejjennaa) ta'a kana barsiisotatu deemsa fagoo guyyaa sanbataa jedhee kaa'e, seera Musee hin cabne dha.

**1:13 “kutaa ol aanutti”** Kuni feetu isa gaafa irbaataa (Luqaas 22:12; Marq. 14:14-15) waliin walfakkaata. Aadaan sadarkaa ol aanaa (gulanta 2$^{ffaa}$ ykkn 3$^{ffaa}$) mana maarqos (HoE. 12:12) isa yaadannoo Pheexroos wangeela Maarqoos keessatti barreessen wal fakkeessa. Namoota 120 qabachuufis kutaa bal'oo qabaachu qaba.

▣ **“Isaan**” Kuni tarree ergamootaa afran keessaa tokko dha. (Matti. 10:2-4; Maarq. 3:16-19 fi Luq. 6:14-16)ti. Tarreessi hundi wal hin fakkaatani, Maqaa fi tartiibni wal bira dabreera. Haa ta'uu garee afran keessa sadan keessa kan jiran namootuma wal fakkatani dha. Yoo mana Pheexroos ni dursa, Yihudaan goolaba. Gareen sadan namoota afrani kuni akeeka manatti akka deebi'anii fi maatii saanii waa laatani hayyamameefi dha.

# Gabatee Maqaa Ergamtootaa

| | Matti 10:2-4 | Marq 3:16-19 | Luq 6:14 | HoE 1:12-18 |
|---|---|---|---|---|
| Garee Jalqabaa | Simoon (Pheexoors)<br>Indiryaas (Obbolesa Pheexroos)<br>yaaqob (ilma zabdiwoos<br>Yohannis (Obbolesa Yaaqob) | Simoon (Pheexoors)<br>Yaaqob (ilma zabdiwoos<br>Yohannis (Obbolesa Yaaqob)<br>Andiryaas | Simoon (Pheexoors)<br>Indiryaas(Obbolesa Pheexroos)<br>yaaqoob<br>Yohannis | Pheexoors<br>Yohannis<br>yaaqoob<br>Indiraayas |
| Garee Lammesso | Filphoos<br>Barxalimoos<br>Toomaas<br>Maatiwoos (ab shuuraa) | Filphoos<br>Barxalimoos<br>Maatiwoos<br>Toomaas | Filphoos<br>Barxalimoos<br>Maatiwoos<br>Toomaas | Filphoos<br>Tomaas<br>Barxalimoos<br>Maatiwoos |
| Garee Sadeesso | Yaaqoob (ilma Alfiyoos)<br>Taadiyoos<br>Simoon (Kana'aanota)<br>Yihudaa /Asqoorti/ | Yaaqoob (ilma Alfiyoos)<br>Taadiyoos<br>Simoon (Kana'aanota)<br>Yihudaa /Asqoorti | Yaaqoob (ilma Alfiyoos)<br>Simoon (hin aaftu)<br>Yihudaa (ilma yaaqob<br>Yihudaa /Asqoorti | Yaaqoob (ilma Alfiyoos)<br>Simoon (hin aaftu)<br>Yihudaa (ilma yaaqob |

▣ **"Pheexroos**" Baayyonni namoota Galiilaa maqaa yihudootaa (fkn Simoon ykn Simi'oon jechuunis" caqasuu") fi maqaa Giriikotaa (isa hin kennamne) ni qabu. Yesuus moo maqaa masoo 'kattaa' jedhuun isa yaama. Afaan Giriikiibn "Pheexroos" fi afaan Armaniin moo kafaa dha (Yoh 1:42; Matti 16:16)

▣ **"Indiryaas**" Afaan Giriikiin "keessattii" jechuudha. Yohaannis 1:29-42 keessatti Indiryaas barataa Yohaannis cuuphaa ta'uusaa fi Obboleessa saa Pheexroosiin Yesuusiin wal barsiisuu saa argina.

▣ **"Plliphoos**" Afaan Giriikiin "ilmaa fardeeni" jechuu dha. Waamamuun saa Yohaannis 1:43-51 keessatti sirritti ibsameera.

▣ **"Toomaas**" Jechi afaan Ibrootaa "lakkuu" ykn moo Diiimas jechuu dha. (Yoh 11:16; 20:24; 12:2)

▣ **"Barxalomoos**" Jechuun "ilma petolamii" jechuu dha. Feetu Maalinaa'el isa wangeela Yohaannis keessaa ta'uu hin didu (Yoh 1:45-49; 21:20)

▣ **"Maatiwwos**" Afaan Ibrootaan "kenna YHWH" jechuudha. Kuni Leewwoota agarsiisa (2:13-17)

▣ **"Yaaqoob**" Kuni maqaa Ibrootaa isa "Yaaqoob" jedhudha. Maqaa kudha lameenii keessatti maqoola Yaaqoob jedhan lamatu jiran. Tokko obbooleesa Yohaannis (Maarqoos 3:17) garee warra muummee fi (S.S garee Pheexroos, Yaaqobii fi Yohaannisdha) kuni isa Yaaqoob quxisuu jedhame beekkamu dha.

▣ **"Simoon hinaafficha**" Barroon afaan Giriiki, Maarqoos "kana'aanotaa" jedha (Akkanuma Matt 10:4) jedha Maarqoos, inni wangeelli saa Roomaanotaaf barreeffame, feetu jecha sisyaasa "ho'itnu" jecha "hinaaftu" jedhe fayyadamu bara sanatti hin feene ta'a, suni moo sochii riphee lolaa farra – Roomaanotaa agarsiisa. Kanaafu Luqaas jecha kanaan yaamuu filateera (Luq 6:15 fi HoE 1:13) jechi kana'aanjedhu irraa baatee hedduu qabaata.

1. Naannoon Galiilaa kana jedhama
2. Km keessatti kana'aanni daldaltoota agarsiisa
3. namoota kana'aan walii galatti agarsiisuufi

Yoo agarsiifne Luqaas sirrii ta'e, jechi "hmaaftuu" jedhu jecha afaan Armaan isa "qojomuu" jedhu (Luq 6:15; HoE. 1:17) irraa fudhatamera. Yesuus, bartoota saa kudha lameen garee morkattoota adda addaa irraati Simoon garee sochii biyyaalessaa humnaan weeraruu abbooti taayita Romaanootaa ololanii dha. Simoonii fi Leewiin (Maatiwoos abbaan ashuuraa) waliin baaxii mana tokko jala waliin hin jiraanne.

▣ **"Taadiyoos"** Akkanuma "Leebuwoos" jedhame yaamama (matt 10:3) ykn "Hihudaa" (Luq 6:16; Yoh 14:22; HoE 1:13) jedhama. Lameen magoota Taadiwoos fi Leebuwos jechuun "ijoolle jaalatamoo" jechuu dha.

▣ **"Hihudaa Asqotii"** Simoon lama, yaaqoob lama, Hihudaa lamatu jirani. Yihudaa ASqorti "Moo irraa baha lama qabaachuu ni danda'a (1) nama Keeriyoof Yihudaa (Iyya 15:23) ykn (2) "nama Kaarra ykn" lubbuu baasaa" isa hinaaftuu, akka simooni dha.

1:14 "Isaan kuni hundi --- yaada tokkoon" jechi kuni tishoo " akka kanaa" (*homo*) fi "Sochii yaada sammuu" (*thumos*) fi. Akka haala abdiin eegannaa keessaati haal duree miti. Haalli kuni irra deddeebi'amee. HoE keessatti tuqameera. (S.S amantootaaf 1:14, 2:46 4:24; 5:12; 15:25; fi warra kaaniif 7:57; 8:6; 12:20 18:12; 19:29) dha.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"of kennanii turani"** |
| **NKJV** | **"Ittuma fufanii"** |
| **NRSV** | **"itti Uf kennanii"** |
| **NIV** | **"hogguyyuu walga'uuni"** |
| **NJB** | **"odoo walirra hin kunne walarganii"** |

Jechi (*Pros* fi *Kaptereo*) jechuun fedhiin ta'uu ykn Odoo walirraa hin kunnee keesssatti hirmaachuu jechuudha. Luqaas irra deddeebi'ee fayyadama (1:14; 2:42; 46; 6:4 8:13; 10:7. DUBBII NAANNOO HIN QABU dha.

▣ **"dubartoota waliin"** Gareen dubartootaa Yesuusii fi Bagamtoota saa waliin sosso'anii waa dhiyeessaaf turan ni jirani (Matti 27:55-56, Marq 15:40-41 Luq 8:2, 23:49 fi yaha 19:25)

**MATADUREE ADDAA: DUBARTOOTA YESUUSII FI BARTOOTA ISAA WALIIN GODAANA TURAN!**

| **Matt 27:55-56** | **Maarqoos 15: 40-41** | **Luqaas 8:2, 23:49** | **Yohaannis 19:75** |
|---|---|---|---|
| Maariyaam Magdallaa<br>Maariyaam haadha Yaaqoobii fi Yoseef<br>Haadha ijoollee Zevdiwoos (Yaaqobii fi Yohaannis | Maariyaam Magdallaa<br>Maariyaam haadha yaaqob quxisuu fi Yoseef<br>Saloome | Maariyaam Magdallaa<br>Yohaanaa, haadha warra kuuzaa (tajaajiltu Heeroodsi<br>Suuzaanaa fi kan biroota | Maariyaam, haadha Yoseef<br>Obboleeti haadha saa<br>Maariyaam, haadha warraa Kitoophaa<br>Maariyaam Magdalla |

**Kanneen armaan gadii yaadannoo dubartoot kunneen irratti ibsituu koo Maarqoos 15:40-41 irratti barreeffame dha.**

**"dubartoonni halaal dhaabbatanii ni ilaalani"** Gareen ergamootaa gaawaanis ta'e Maallaqaan tajaajiloota dubartootaan hojii saanii gaggaramaaf ture. (S.S moo nyaata bilcheessuu, miiccaa kfn lakk 41; Matti 27:55; Luq 8:3)

**"Maa maqdallaa"** Magdallaan magaalaa xinnoo qarqara galaana Galiilaatti argamtu dha; kunis Xibeeriyaasx kaabatti maayila sadii fagaatte jirti. Maariyaam eega inni isheerraa seeykana yaale irraa Galiilaa irraa qabdee duukaa buute. (Luqaas 8:2) Haala malee gursumeetti jedhamte, garuu ragaan KH kanaafi argame homtuu hin jiru.

**"Maariyaam, haadha Yaaqoob quxisuu fi Yoosii fi"** Matt 27:56 keessatti "Yaadha Yaaqoob fi Yoseef" jedhamtee Yaamamti. Maatiwoos 28:1 keessatti "Maariyaam biroo" jedhamte Yaamamteerti. Gaaffiin sirrii dha, eenyutti heerumtee dha? Yohaannis 19:25 keessatti akka kiloophaatti herumteetti dubbatama ilmi shee Yaaqoob, ilma Alyiyaas jedhama (Matt 10:3, Marq 3:18; Luq 6:15)

**"Saloome"** Kun haadha yaaqoobii fi Yohaannis dha. Isaan kuni garee wiirtuu bartoota yesuus fi dubartii Zabdeewo fi (Matti 27:56; Marq 15:40; 16:1-2)

**Kan itti aanee jiru ibsituu koo Yohaannis 19:25 irraa ani fudhadhe dha.**

**"Fannoo yesuus bira kan dhaabataa jiran haadhasaa obboleetii haadhaa, Maariyaam, niitii Qiliyoophaa, fi Maariyaam maqdallaa"** Asitti maqootin jiran kuni sadii ta'uufi afur ta'un falmsiisaa dha. Feetu maqooli afur ta'uu hin didani sababni dubartonni lama tokkuma maqaan Maariyaam jedhamtu hin jiraattu. Obboleetiin Maariyaam, Saloome; Maarqoos 15:40 keessatti fi Matti 27:56 keessattis tuqameera. Yoo kuni dhugaa ta'e, Yaaqoob, Yohaannisii fi Yesuus ilmaan dubriiti. Aadaa jaarra lammeesso (hegesippus) Qiliyoophaan Obboleessa Yoseef fi Maariyaam magdallaa jechuun dubartii yesuus gara seeyxana torbaa irraa yaase dha. eegi du'aa ka'eeu booda itti mul'achuu barbaade keessaa ishee tokko dha. (20:1-2; 11-18; Maarqoos 16:1 Luqaas 24:1-10)

▣ **"Obboleeyyan saa"** Obboleeyyan yesuus cinaachaa hedduu maqaadhaan ni jirani; Yihudaa, Yaaqoob (mata duree adda 12:17 ilaalaa) fi simoon (Matti 13:55, Maarq 6:3 Luq 2:7) Isaanio yeroo tokko hin amantoota turan 9Yoh 7:5), garuu amma garee baroota muummee ta'aniiru. Waa'ee dubbi gammachiiftuu "dubruma bantii" Maariyaam, F.F. Biruus *New Internationa Commentary*, HoE fula 44, minjala 47 ilaala.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 1:15-26**

**15 Gidduu sana Pheexiroos walgahii amanoota akka nama dhibbaa fi digdama ta'an keessa dhaabbatee 16 "obbolota nana dubbin macaafaa inni afuurri qululluun duraan dursee afaan Daawiitiin waa'ee Yihudaaf dubbatee raawwatameera. Innoo warra Yesuusiin qabu dhaqan dura adeeme agrsiise. 17 Inni nu wajjin lakkaa'ame hojii kanas nu wajjin hojjechuudhaaf fuula qabate ture. 18 Namichi kun horii isa hojii jal'ina hojjete argate sanaan lafa bitatee ofii isaa mataadhaan kufe tarsa'e mar'umaan isaas bakkee bute. 19 Kunis warra Yeruusaalem jiraatan hunduma biratti beekamee lafichi afaan isaaniitiin 'Akeeldaamaa' jadhamee waamame. Hiikuun isaas lafa dhiigaa jechuudha. 20 Macaafa Faarfannaa keessatti qe'een isaa haa oonu isa keessa jiraachuufis tokko illee hin argamin akkasumas hojiin gaggeessuuf itti waamame namni kan biraa haa fudhatu kan jedhu caafameera. 21 Kanaafis yeroo itti Yesuus gooftaan nu gidduu deddeebi'aa ture hundumaatti warra nu wajjin turan keessaa nama tokko nu barbaachisaa. 22 Innis yeroo cuuphaa Yohaannisii jalqabe amma guyyaa Gooftaan nu biraa ol fudhatamutti nu gidduu kan ture nu wajjin dhuga baatu du'aa ka'u isaa ta'uun irra jira jedhe. 23 Achuumaan namoonni lama maqaan isaani dhahame isaaniis Yooseef isa Baarsaabaas yookiin Yosxoos jedhamee waamamu akkasumas immoo Maatiyaas isa jedhamu turan. 24 Warri walitti qabaman sun Gooftaa garaa namoota hundumaa beektu isaan kana lamaan keessaa isa fo'attee mul'isi. 25 Hojiidhaaf ergaa Yihudaadhaa irraa gargalee gara iddoo isaaf ta'u dhaqe kana haa fudhatuuf jedhanii kadhatan. 26 Yommuus isaan lammaniif muka buufnaan Maatiyaasiif ba'e. Inni kana irratti ergamoota kudha tokkoo irratti dabalame**

**1:15 "Gidduu kana"** akka barrootti "guyyoota san keessa" (*en tais hemerais*) Gaaleen kuni yeroo hedduu baniinsa boqonnaa (S.S 1-15) HOE irratti (1:15, 2:18, 5:37: 6:1; 7:41; 9:37: 11:27; 13:41). :Luqaas madda ragaa ijaatti fayyadameeera. "Guyya guyyaan" itti fayyadama (*kath hemeran*) boqonnaa HOE ganama keessatti yeroo hin ququllaa'iin agarsiisan (2:46,47 3:2; 16:5; 17:11,31; 19:9) Luqaas boqonnaa 15 booda wnatoota ufii saa barreessen walboreera, Ammallee jecha "guyyaa" jedhu fayyadamus bifa hin qulqullaa'in, fi gaalee akka dubsiitti miiti.

▣ **"Pheexroos - - - dhaabatee**" Pheexroos dhibbi himaa ergamoota fi (Matt 16) Dhufaatii Hafuuraan booda nama barumsa waldaa yeroo jalqabaaf lallabe dha. (HOE 2) fi barsiisa lamaffaa HOE 3 keessatti yesuus mul'achu saa isa du'aan ka'uu keessatti jalqaba isatti mul'ate. (Yohannis 21 fi 1Qor 15:5 keessatti) maqaan saa Ibrootaa simi'ooni dha. (HOE 15:14; 2 Phex 1:1) maqaan kuni afaan giriikiin yoo qubeeffamu 'Simoo' ta'a. Jechi Pheexroos" jedhu jecha afaan Giriik (peros) "kattaa jabaa" jedhu dha. Innis "keefaa" ykn "dhakaa' jechuu dha afaan Armaanikiini (Matt 16:18)

▣ **"Walag'in amantoota akka nama dhibbaa fi digdamaa ta'an**" Galeen kuni barroo afaan Giriiki YBS[4] keessatti kan amtamedha (garuu lakk. 18-19 miiti) Gareen kuni ergamoota kudha tokkoon dubartoota yesuus duukaa turan, bartoota yesuus biroo inni lallaba fi hojii fayyisuu isaaniif godhe dabalatu qaba lakk. kuni fakkeenya, isa tilmaama barsiisotaa kan hordoftootaa hoggantootaan tilmaamamee fi (S.S 1 hanga 10ti *sanhediin* 1:6; Phex 1:21) karaa Daawit ta'e dhugoomsa. Akkanuma "barreeffama" kutaa ka Ibroota dhugoomsa agarsiisa.

▣ **"akka ta'uufi**" Kuni dei dha, dirqama jechudha, isa lak 20 keessaa agarsiisuufidha jechichi miira luqaas isa ittin jireenya yesuusiifi Waldaa qanamaa itti maxa'a barroo KM fi (luq 18:31-34; 22:37;24:44) jechoota kana Luqaas itti deddeebi'ee fayydama (luQ 2:4; 4:43; 9:22; 11:42; 12:12; 13:14, 16,33,15:32;17:25;18:1; 19:5; 21:9; 22:7,37; 24:7,26,44; HOE 1:16,21; 3:21; 4:12; 5:29; 9:6, 16:14:27;15:5; 16:30; 17:3; 19:21:36:20:35; 23:11; 24:19;25;10, 24;26:9; 27:21,24,26) jechichi " walitti hidha dha" "diqamadha" "kan hin oolamne dha" jechuu dha. Wangeellii fi dagaaginnisaa akk carraa wanna ta'e miiti garuu karoora waaqayyoo dur murtaa'oo fi ittin guutama barroo KM (LXX fayyadama) fi.

▣ **"Raawwagamuuf"** Yomuu namni tokko waraabbii KM (lak 20) dubbifatu ganiinsa yihydaan yesuus irratti raawwate fedhii barreessaa Faarsaa hin turre. ERgamonni KM ifa yesuus waliin qabanirra taa'anii hiikaa itti kennaa jiru kuni hiikkaa xingodooliifi Akkaata saa yesuus matumti saa yomuu daandii gara Emaawus dhaqu irratti jarreen lameen argeetti walii irratti dudubbachuu hin oolu. (lug. 24:13-35, keessattu lack 25-27 fi) hiktonni kiristiyaana ganamaa einaayina haalota KM fi jireenyaa fi barsiisa yesuus gidduu jira arganiiru. Yesuus ittin guutama raajii Km ta'uus arganiiru. Amantoonni har'a haala dhiyeenya kanarraa uf eeguu qaban. Isaan barreesitooni KH kaka'umsa qaban sadarkaa kaka'umsaa fi jireenya fi barsiisaa yesuuf dhuunfaa jala jirani Dhugaa fi aboo qabanii yoo ragaa taanu, garuu foftaa saanii moo hoomishuu hin dandeenyu.

▣ **"Yihudaaf"** Waa'ee ganiinsa yihudaa malee du'aatiisaa miti, kan filannoo bakka bu'insa ergamootaa fide lak 206 keessatti gochi yihudaa akka ittii guutama raajichaatti ilaallame. Du'a Yaaqoob booda filannoon ergamootaa godhamuu saafi galmaa'eeru homtuu hin jiru (HoE. 12:2) jireenya yihudaa keessatti waan iccitii fi gaddisiisaa ta'etu jira. Inni ergamoota keessa nama al-Gahiilaa isa qofaa dha. Inni garee ergamootaafi (Yoh 12:6) abbaa maallaqaa ture yeroo yesuus keessa wayita isaan wajjiin turetti maallaqa saanii hotuu saatiin komatama ture. Innis akka tutuqa seeyxanaa ittin guutama raajiitti fudhatama, yaadni garaa saa gonkumaa hin ibsamne, garuu gaabbiin saa eegii waan saame sana deekisoon booda jireenya mataa saa jiraachu eegaleera.

Waa'ee yaada gara Yihudaaf tilmaamni heddduun dubbatameera. Wangeela Yohaannis keessatti tuqameera. (6:71;12:4; 13:2; 26,39; 18:2,3,5). Taphni hammayyaa "Yeuus Kiristoos garfixe urjii" Ta'uun amanamummaasaa garuu moo akka yaade hin taaneef, hordoftoota dirqanii shoora Masiiha Yihudootaa akka guutu taasisan kunis Roomaanota dhaaluun, jalloota adabuun yeruusaalemiin akka magaalaa gudditti addunyaatti deebisanii ijaaruudha. Haa ta'uuti, Yohaannis fedhasaa akka doqnaa fi lakkaatuutti agarsiisa.

Rakkinni guddaan dhimma xinamantoota Waaqayyo fi fedha namoota bilisaati. Waaqayyo ykn Yesuus ofiisaanii Yihudaa micciranii ta'aa? Yoo Waaqayyo akka inni Yesuusiin ganu ykn gochasaa kanaaf seeyxanni akka isa dhuunfatu godhameera yoo ta'e gochasaa kanaaf Yihudaan itti gaafatamoodhaa? Kitaabni Qulqulluun deebii kana kallattiin hin deebisu. Waaqayyo seenaa ni to'ata, haala gara fuula duraa ni beeka, garuu dhalli namaa gochaa fi filannoosaatiif itti gaafatamaadha. Waaqayyo abbaa heeraati, malee diddiramtuu miti.

Kitaabni haarawaa Yihudaa agarsiisu yaale ni jira fudas *Betrayer or Friend of Jesus?* Jedhu Wiliyaam Kilaaseii, Fortirees mannaxansaatti, bara 1996tti maxxanfamedha. Kitaaba kanaan walii hin galu, garuu baayyee gaarii fi gammachiisaadha.

▣ **"Warra Yesuusiin qabuu dhaqan dura bu'e"** Asitti ibsituu koo Maatiwoos 26;47-50 irraa waraabadha.

Waa'ee Yihudaa mare baayyeetu ture. Hundi moo dhugaa dhabanii hafaniiru. Inni Yesuusiin dhungachuunsaa lakk. 49 ykn (1) nama isa qabsiisuuf jedhu sana agarsiisuuf ta'a (lakk. 48) or (2) malla hammayyaa deggeruuf harki Yesuus akka hojjetuuf isa jabeessuu yaalaa jira (27:4). Dubbifni biroon inni jalqabumarraawu saamtuu waan ta'eef hin amanne ture (Yoh. 12:6).

Luqaas 22:52 irraa gareen jamaa kanaa maal akka ta'an ni beekna. Gareen loltoota Roomaa keessa jiru. Sababni isaas yeroo sana kan seeraan meeshaa waraanaa qabachuu danda'u isaan qofaadha. Poolisoonni iddoo sagadaa irratti hirmaataniiru sababni isaas waan ulee baataniifidha. Bakka butanni iddoo Sanhedris yoo qaban sana irratti argamaniiru (lakk. 47,5).

**1:17** Yihudaan Yesuusiin filatame, Yesuus dubbatu dhagahe diinqii Yesuus ijaan arge; Yesuusiif jecha Yesuusiin hojii wangeelaaf ergame. Mana kutaa olaanu keessatti hirmaatee Yesuusiin boodarra gane!

**1:18**

| | |
|---|---|
| **NASB,NKJV** | |
| **NRSV,NJB** | |
| **NIV** | **"mataadhaan lafa dhahe, tarsa'ee** |
| **TIV** | **"iddo kufetti dhohee du'e"** |

"Mataadhaan kufuu" jechuun jecha yaalii isa "dhiifahaa" (Mowultonii fi Mikigaan, *The Vocabulary of The Greek Testament*, pp 535-536) hiikkaa afaan Ingiliiffaa Guudispiid) Marii gaarii waa'ee Yihudaa du'asaa irratti (Matt. 27:5) fi HoE. 1:18) *Hard Sayings of the Bible*, ful 511-512 jiru ilaalaa

▣ **"Namichi kun horii isaa jallina hojjetee argate sanaan"** lakk 18-19 jiran waraabbidha (NASB, NKJV, NRSV, NJB, NIV). Barreessaan kun odeeffannoo dubbistootaaf dhiyeessa Matt. 27:6-8 keessatti luboonni lafa kana bituun isaa Kakuu Moofaa keessatti raajame akka guutumuufi (Matt. 27:9). Maallaqa Yihudaa, isa luboonni hin qulqullaa'initti beekanii fi reenfa itti awwaaluuf lafa ittiin bitataniidha. Lakk 18-19 jiru iddootti Yihudaan du'e ta'u nutti hima. Odeeffannoon waa'ee du'a Yihudaa kun iddoo birootti irra hin deebi'amne.

**1:19**

| | |
|---|---|
| **NASB,NRSV** | **"Hakeldaamaa, lafa dhiigaa jedhame"** |
| **NKVJ** | **"Akel daamaa, lafa dhiigaa"** |
| **TIV** | **"Akeldama, lafa dhiigaa jechuudha"** |
| **NJB** | **"lafa dhiigaa...Hakel dama"** |

Kun hiikkaa Giriikii isa Afaan Armaanik irraa dhufedha. Yeroo hundumaa afaan tokkorra gara isa tokkootti deebisuun rakkisaadha. Sababa garaagarfe qubee afaan Inigiliffaa, afaan Aramaayik "lafa dhiigaa" jedheera. Kana jechuun (1) lafa qarshii dhiigaan bitame (Matt. 27:7a); iddootti dhiigni dhangala'e (HoE. 1:18) ykn (3) iddootti keessummoonni ykn warri gumaa itti awwaalamanidha (Matt. 27:7b).

**1:20** Faarsaa irraa waraabbii lamatu jira. Inni duraa Faarsaa 69:25 dhachaadha. Akka mallattoo abaarsaa Yihudaatti tajaajila. Inni lammataa moo Faarsaa 109:8 (LXX). Isa waa'ee Yihudaa irratti raajii dubbatamee bakka bu'eera (Lakk. 21-26).

▣
**NASB, NKJV**
**NJB** **"waajjira"**
**NRSV** **"gita olaanaa"**
**NIV** **"iddoo hojii"**

Septu'ajenti keessatti jechi *episkopē* jedhu hiikkaa gatii ykn tajaajila waajjiiraa qabaata. (Lakk. 4:16, Far. 109:8) Caasaa Kaatolika Roomaa agarsiisuuf kan kaa'amedha, garuu Giriikii, jecha bulchoota magaalaa Giriiki (NIV), akka hangafaatti (*presbuteros*) jecha hogantoota Yihudaa ta'e (Uma. 50:7; Ba'u 3:16,18; lakk. 11:16,24,25,39 Deebii 21:2,3,4,6,19,20 fi kkf) kanaafuu, akka "to'ataatti" fi "hangafaatti" du'a Ergamootaan booda Yaaqoob akka tikeetti maqaa dhahameera (HoE. 20;17,28; Tit. 1:5,7; Fil. 1:1).

**1:21 "barbaachisaadha"** Kun jecha *dei* (lakk 16)ti. Kana gamasitti Pheexiroos ergamoonni kudha lameen sun gosoota kudha lameen ykn mallattoo waan hin badneti.

**1:21-22** Kun ulaagaa ergamootaati. Kun amantoota warra bartoota kudha lameenii addatti Yesuusiin wayita hojii wangeelaasaa isa hordofaa turanii kan agarsiisu ta'uusaa hubadha. Waaqa kana boodarra namoonni muraasni ittiin ergamtummaa Phaawuloos tuffachuuf ittigargaaramani jiru.

Luqaas lakk kana lameen dhuga bahinsa ergamotaa wal dursuuf itti fayyadameeera, filanno Maatiwoosiif garuu odoo hin taane, eenyuun caqasuu hin qabnu jechuudhaaf. Waldaa fi barroon Kakuu Haaraa jireenyaa fi barsiisa Yesuus irratti kan hundoofte yoo ta'u, garuu ragaaijaan, ragaa abbootii taayitaa, ragaa namoota xinamantiin filatamoon kan deggeramedha. Kun dubbii ijoo xinamanti malee waa'ee fakkeenyummaa "kudha lameeni" miti!

**MATA DUREE ADDAA: LAKKOOFSA KUDHA LAMA**

Kudha lama yeroo baay'ee mallattoo lakkoofsa gurmaa'ina (dhaabaa)ti.

1. Kitaaba Quqlulluu alatti
   a. Mallattoo Zodiyaak kudha lameen
   b. Baatiilee waggaa kudha lameen
2. Kakuu Moofaa keessatti
   a. Ijoollee Yaaqoob (gosoota Yihudaa)
   b. Kan mul'atu moo
      1. Utubaa iddoo aarsaa kudha lameen Ba'u. 24:4
      2. Fayyaa kudha lameeniin meeta laphe hangafa lubootaa (gosootaaf dhaabate) Ba'u. 28:11
      3. Buddeena kudha lameen mana sagadaa iddoo qulqullummaa Lew. 24:5
      4. Basaasoota kudha lameen kana'aanitti ergaman Lakk. 13 (gosoota hundarraa tokko tokko)
      5. Ulee kudha lamaan (gosoota) duula Qoraah lakk. 17;2
      6. dhagaa Iyyaasu kudha lameen Iyy. 4:3,9,20
      7. Bulchiinsa naannoo, mootummaa Solomoon kudha lameen 1Mot. 4:7
      8. dhagoota kudha lameen Elsaay iddo aarsaa YHWH 1Mot. 18:31
3. Kakuu Haaraa keessatti moo
   a. Ergamoota kudha lameen filataman
   b. buddeena guuboo kudha lameen (ergamootaaf tokko tokko mataatti) Matt. 14:20
   a. teessuma ulfinaa bartoonni Kakuu haaraa irra taa'an (isa fakkeenya gosoota Israa'el (kudha lameenii) Matt. 19:28

b. ergamoota legiyoon kudha lameen Yesuus yaase Matt. 26:53
c. mallattoo mul'ataa
    1) Hangafoota 24 iddoo ulfinaa 24 irratti 4:4
    2) 144,000 (12x12) isa 7:4; 14:1,3 keessatti
    3) urjii kudha lameen gonfoo dubartittirra 12:1
    4) hulaa kudha lameen, ergamoota kudha lameen goloota kudha lameen agarsiisan 21:12
    5) dhagaa bu'uura Yeruusaalem haarawaaf lafa kaa'ame kudha lameenii fi maqaa ergamootaa kudha lameen irratti barreeffame (21:14)
    6) Deebisaa kuma kudha lamaan 21:16 keessaa (ballina magaalaa haarawaa, Yeruusaalem)
    7) Keenyan kubaayita 144dha 21;& keessatti
    8) balbala kudha lameen (luul) 21:21 keessaa
    9) Mukoolii ija midhaanii kudha lama qaban Yeruusaalem haarawaa keessatti (ji'atti tokko 22:2 keessatti

**1:23 "namoonni lama maqaa dhahaman"** garaagarummaa yaada xinamantii kan agarsiisu barroon Giriikii ni jira.

1. *estēsan* (ni dhaabani) MSS א, A, B, C, D[1], E keessatti
2. *estesan* (ni dhaabe) MS D* fi Awgistoos keessatti

Yoo lakk tokko, inni kun fakkeenya garaa guutuu waa'ee bakka buufamuu Yihudaa irratti sagalee kennataniiti. (bifa walgeetti qondaaltootaatti (15:22), yoo lakk lamaa moo, kun ragaa olaantummaa Pheexiroosidha. (15:7-11,14)ti. Hanga barroon Giriikii ragaa ta'ee jirutti, lakk tokko mirkanadha (YBS[4] mallatto "A" kenneefiira).

**"Yoseef... Maatiwaas"** Waa'ee namoota kanaa Kakk Haaraa irraa homaa hin beeknu. Wangeellii fi Hojiin Ergamootaa seenaa warra dhihaa akka hin taane beekuu qabna; garuu barroo xinamantii filatamoo waa'ee Yesuusii fi ergaansaa addunyaa mara irratti dhiibbaa fideeti.

**1:24**

**NASB** **"inni garaa nama hundaa beeku"**
**NKJV** **"inni laphee maraa hubatu"**
**NRSV** **"onnee namootaa ni beekta"**
**TIV** **"yaada garaa namootaa ni beeka"**
**NJB** **"laphee namoota hin dubbisa"**

Kun jecha tishoo "onnee fi beekkomsa"dha (15:8). Dhugaa Kakuu Moofaa agarsiisa. (1Sam. 2:7; 16:7; 1Mot. 8:39; 1Qor. 28:9; 2Qor. 6:30; Far. 7:9; 44:21; Fak. 15:11; 21:2; Erm. 11:20; 17:9-10; 20:12; Luq. 16;15; HoE. 1:24; 15:8; Rom. 8:27). Waaqayyo nu jaalata, nu beekas, guutummaatti (Rom. 8:27).

Bartoonni kun YHWHn akka yaadasaanii beekuu fi kaadhimamtoota lameenii akka beeku mirkanfataniiru. Filannoo kanaan fedha Waaqayyoo beekuu barbaadu. Yesuus dursee kudha lameen filate, garuu moo amma inni Abbaa isaa wajjiin jira.

**MATA DUREE ADDAA: ONNEE (GARAA)**

Jechi Giriikii kardia jedhu septu'ajentii fi Kakuu Haaraa keessatti jecha Ibrootaa *lēb* jedhu agarsiisuuf oola. Haala baayyeen faayidaa kenna (Ba'uu'eer, Arnideet, Gingeriichii fi Danker, A *Greek-English Lexicon*, ful. 403-404 keessa dubbisaa)

1. gidduu gala qaamaa, dubbii dalgaa namaa (HoE. 14:17; 2Qor. 3:2-3; Yaaq. 5:5).
2. Wiirtuu jireenya afuuraa (haamilee)
    a. Waaqayyo garaa beeka (Luq. 16:15; Rom. 8:27; 1Qor. 14:25; 1Tas. 2:4; Mul. 2:23)
    b. jireenya afuuraa sanyii namaa oole (Matt. 15:18-19; 18:35; Rom. 6;17; 1Xim. 1:5; 2Xim. 2:22;

1Phex. 1:22).

3. wiirtuu jireenya yaadaa (S.S hayyuu, Matt. 13:15; 24:48; HoE 7:23; 16;14; 28:27; rom. 1:21; 10:6; 16;18; 2Qor. 4:6; Efe. 1:18; 4:18; Yaaq. 1:26; 2Phex. 1:19; Mul. 18:7, garaa fi sammuun wal moggooyina 2Qor. 3:14-15 fi Fili. 4:7).
4. wiirtuu fedhaa (S.S fedhii HoE. 5:1; 11:23; 1Qor. 4:5; 7:37; 2Qor. 9:7
5. wiirtuu ol miiramaa (Matt. 5:28; HoE. 2:26,37; 7:54; 21:13; Rom. 1:24; 2Qor. 2:4; 7:3; Efs. 6;22; fil. 1:7).
6. iddoo addaa sochii afuuraaf (Rom. 5:5; 2Qor. 1:22; Gal. 4:6 (S.S Kiristoos onnee keenya keessaa, Efs. 3:17)
7. onneen dubbi dalgaa namoomaati. (Matt. 22:37, waraabbii Deeb. 6:5) yaadni, kaka'umsi fi gochi onneef kenname hundi eenyummaa namoomaa kan agarsiisudha. Kakuu Moofaa itti fayyadama jechoota rifachisaan ni qaba.
   a. Uma. 6:6; 8:21 “Waaqayyo garaasaatti ni gadde”
   b. Deebii 4:29; 6:5 “garaa kee fi lubbuu kee guutudhaan”
   c. Deebii 10:16 “garaa keessan isa haguugame” fi Rom. 2:29
   d. Hizqi'eel 18:31-32 “garaa haarawaa”
   e. Hizqi'eel 36:26 “garaa haarawaa” fi “garaa dhagaa”

**1:25 “gara iddoo isaaf ta'uu dhaqee”** Kun jecha namatti hin tolle bakka jecha “abaarsaa” bakka buusudha. Seeyxanni akeeka kanaaf fayyadama (Luq. 22:3; Yoh. 13:2,27) garuu Yihudaan gochasaa fi filannoosaaf itti gaafatamaadha (Gal. 6:7).

**1:26 “isaan lamaaniif muka buufnaan”** Kun hidhata Kakuu Moofaa hangafoota lubaa wajjiin warra Leewii 16:8 keessatti mala walfakkaatataan fayyadamanidha (Fak. 16:33; 18:18). Loltonni Roomaas kafana yesuusiif muka Keyyataniiru (Luq. 23:34). Haa ta'uu, kun Kakuu Haaraa keessatti yeroo fedha Waaqayyo beekuuf yaalame isa maayyiiti. Yommuu namni tokko waa adda baafachu barbaadu, toftaan kun waan beekkamaa murtoo afuraa gochuuf. (fkn Kitaaba Qulqulluu banuudhaan quba lakkoofsa irra buusuun akka carraati fedha Waaqayyo dubbisuu) amantoonni amantiin malee malaan fedha Waaqayyoon jiraachuu hin qabani (fkn, rifeensa Roolaa, Ab. Firdi. 6:17,36-40).

▣ **“Maatiyaas”** Esuubiyoos kan jedhamu hojii wangeelaa namoota torbaatama keessatti hirmaateera (Luq. 10). Namni kun Itoophiyaa keessatti kufuusaatu dubbatama.

**GAAFFILEE MARII**

Kun <u>qajeelfama</u> qo’annoo yaadaa kan Macaafa Qulqulluu hiikuuf itti gaafatamummaa kee baatudha. Tokkoon tokkoon keenya Ifa qabnu keessa deddeebi’uu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluu fi Afuurri Qulqulluun hojii hiikumsaa keessatti warra jalqabaati. Warra yaada kennaniif jettees dhiisuu hin qabdu.

Gaaffileen marii kunis dhimmoota gurguddoo kutaa Macaafa kanaa keessa jiran irratti akka yaadduuf siif kennaman; kana jechuunis maalummaasaa yaaduu jechuudha malee murteessaa jechuu miti.

1. Maaliif Yesuus guyyoota 40 baroota waliin turee?
2. Cuuphaan afuuraa maal jechuudhaa?
3. Maaliif lakk. 7 barbaachisoo ta’ee?
4. Maaliif ol fudhatamuu barbaachisaa ta’ee?
5. Maaliif Pheexiroos iddoo Yihudaa guutuuf barbaadee?
6. Iddoo ulaagaalee hin guuttanetti akkamitti Phaawuloos ergamaa ta’uu danda’a (1:21-22)?

# HOJII ERGAMOOTAA 2

## HIRAMSA KEYYATAA HIIKKAA HAMMAYYAA

| YBS | NKJV | NRSV | TIV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Dhufaatii Hafura Qulqulluu | Dhufaatii Hafuura Qulqulluu | Guyyaa pheenxeqosxee | Dhufaatii Hafuura Qulqulluu | Pheenxeqosxee |
| 2:1-4 | 2:1-4 | 2:1-4 | 2:1-4 | 2:1-4 |
| | Yaada jamaa | | | |
| 2:5-13 | 2:5-13 | 2:5-13 | 2:5-13 | 2:5-13 |
| Lallaba Pheexiroos pheenxeqosxee | Lallaba Pheexiroos | Barsiisa Pheexiroos | Barsiisa Pheexiroos | Dubbii Pheexiroos jamaatti dubbate |
| 2:14-21 | 2:14-39 | 2:14-21 | 2:14-21 | 2:14-21 |
| 2:22-28 | | 2:22-28 | 2:22-28 | 2:22-28 |
| 2:29-36 | | 2:29-36 | 2:29-35 | 2:29-35 |
| | | | 2:36 | 2:36 |
| | | Qalbii diddiirannaa | | Diddirama jalqabaa |
| 2:37-42 | | 2:37-42 | 2:37 | 2:37-41 |
| | Guddina waldaa 2:40-47 | 1:15-26 | 2:38-39 | |
| | | | 2:40-42 | Jijjiirama kiristaanota ganamaa |
| Jireenya amantoota gidduu | | | Jireenya amantoota gidduu | 2:42 |
| 2:43-47 | | 2:43-47 | 2:43-47 | 2:43 |

**MARROO DUBBISAA SADII (Qajeelcha irraa gara dubbisa gaarii Kitaaba Qulqulluuti geessu" fuula Vii)**
*FEDHA BARREESSAA KA'UMSAA SADARKAA KEYYATAATTI HORDOFU*

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kanaaf hiikkaa keetiif Kitaaba Qulqulluu keetiif ittigaafatamoodha. Tokkoon tokkoon keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluu kee fi hafuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdan.

Boqonnicha taa'ums atokkoon dubbisaa. Dhimmasaa addaan baafadhaa. Hiramsa dubbii kee hiramsa hiikkaalee shanan armaan olitti ibsamanii jiran bira qabaa ilaalaa. Buufanni afuuraahuun miti, garuu fedha barreessaa ka'umsaa hordofuuf furtuudha; sun moo ifa hiikkooti. Buufanni dhimma tokkoo fi tokko qofa qaba.

1. Keyyata duraa

2. Keyyata lammeesso

3. Keyyata sadeessoo

4. kkf

**QOANNOO JECHAA FI GAALEE**

> **NASB (FOOYYA'E) BBRROO: 2:1-4**
>
> **1Ayyaanni inni shantamaffaa inni Pheenxee qosxee jedhame beekame yommuu gahe hundinu iddoo tokkotti walitti qabamani turan. 2Dingatas hursaan Waaqa irraa akka bubbee bubbisuutti dhagahame manicha isaan itti jiranis guute. 3Arraba ibiddaa kan fakkaatanisaanitti mul'atan, gargar tamsa'aniis, wanti akka ibiddaa kun tokkoon tokkoon isaanii irra ta'an. 4Yommuus hundumtii isaanii hafuura qulqulluudhaan guutaman. Akka hafuurri dubbachuu isaa isaaniif kenneetti afaan garaa garaa dubbachuu jalqaban.**

**2:1 "phenxeqostee"** kun jila Yiyudootaa isa waggaa waggaan kabajamu "jila torbii" jedhamudha. (Ba'uu 34:22, Deeb 16:10). Jechi "phenxe qostee" jedhu "shantamaffa" jechuudha. Jilli kun ayyaana Faasikaa (S.S guyyaa maxinoo bulee lammataa irraa ka'ee lakka'amu) oole guyyaa shantamaffaa (torban toorba) kabajamudha. Gaafa guyyoota Yesuus keessa akeeka sadii qaba ture (1) yaadanno guyyaa seera Muusee kennameef (iyyo baliyyuu 1:1), (2) guyyaa galataa Waaqayyoo arfaasaa 9makaraa) ti (3) guyyaa aarsaa bissi galataati. (S.S YHWHn abbaa makara hundaa ta'uusaa agarsiisa) Seenaa Kakuu Moofaa Seera Ba'uu keessaa 23:16-17, 34:22, Leew. 23:15-21; lak 28:26-31 fi Deeb 16:9-12 jira.

**NASB, NRSV "yommuu ga'e"**
**NKJV "yeroo dhufe"**
**TIV "dhufetti"**
**NJB "yeroo gahaatti"**

Kun akka barrooti "guutame"dha agarsiiftuu giddu galeessaadha. Kun muudama ayyaanaa fi guutamuu akeeka ayyaanaati. Barroo Luqaas keessatti qofa arameera. (Luq 8:23, 9:15, fi Luqa 2:6 keessatti moo dubbi dalgaatu) Seenaan sanyi namaa YHWHn dhahatama.

M.R Kinsheenti, *Word* Studies, jildi 1, fuula 224 irratti Yihudonni akka gombisaansaanii guututti eeggatu jedha. Yeroon phenxeqostee ni ga'e! Yeroon kun yero addaa itti Waaqayyo barri hafuuraa dhufusaa, fi barri waldaalee eegalamu itti kabajatedha.

▣ "**hundinuu iddoo tokkotti**" gaaleen kun gamtaa iddoo fi yaada garaa walta'an agarsiisa. (1:14). iddootti kun ta'e adda hin baane, garuu feetu kutaa ol aanu keessatti ta'uu hin oolu (HoE 1:13, 2:2), garuu iddoo ta'erratti manni sagadaa shaakala kanaa ooleera. (Luq 24:53)

**2:2 "huursaan Waaqarra akka bubbeetti bubbisu dhagahame"** kutaa kana keessatti xiyyeeffannoon sagalee irrattidha. Malee qilleensa ykn abidda miti. Kun Seera uma 3:8 wajjiin walfakkaata. Kakuu Moofaa keessatti jechi *ruah* jedhu jecha ruhii qilleensa,a fuura jedhuu (Hiz 37:9-14) tajaajila; Kakuu Haaraa keessatti *pneumatu* jecha qilleensaa fi Hafuura qulquluu jedhuuf tajaajila. (Yoh 3:508) Lakk kana keessatti jechi qilleensa jedhu *Pnoē* dha. Asitti fi 17:25 keessatti qofa fayyade. Jechi pneuma jedhu Hafuuraaf fayyada lakk. 4.

**2:3 "arraba ibidda kan fakkaatan, gargar tamsa'ani"** Barroon kun sagalee fi ifa agarsiisuuf kan dubbatamedha. Abiddi ifaa qabeessi dursa gamtoome ture, garuu gargar tamsa'ee amantoota irra qubate.

Namoonni mana kutaa ol keessa turan Ergamoonni, maatiin Yesuusii fi bartoonni keessa jiraachusaaniif ragaan qabatamaadha. Waldaan tokkummaadha.

Bara Kakuu Moofaa ibiddi kan mallatteessu (1) jiraachuu ayyaanaa; (2) murtoo (Isa 66:15-18) ykn (3) qulqullaa'uu (Ba'u 3:2; Deeb 5:4 fi Matt 3:11) Luqaas raawwii afuuraa guutummaaf fakkeenya addaa gargaaramuu yaaleera.

Jilli pheenxeqostee kan Yihudoota biratti jilleeffamuuf tulluu Sinaa gubbaatti Muuseen Seera fudhachuusaafidha yeroonsaa adda hin bahiin malee jaarraa lammaffaa D.B, garuu sana duraati yaadama).

**MATA DUREE ADDAA: IBIDDA**

Ibiddi caaffatoota keessatti shoora pozatiivii fi negaativii qaba.

A. Pozatiivii
   1. Ni ho'isa (Isa. 44:15; Yoh. 18:18)
   2. Ifa kenna (Isa. 50:11; Matt. 25:1-13
   3. Ni bilcheessa (Ser. Ba'u 12:8; Isa. 44:15-16; Yoh. 21:9)
   4. Ni qulqulleessa (lakk. 31:22-23; Fak. 17:3; Isa. 1:25; 6:6-8; Erm. 6:29; Mil. 3:2-3)
   5. Quqlulleessu (Uma. 15:17; Ba'u 3:2; 19:18; Isq. 1:27; Ibr. 12:29)
   6. Gaggeessummaa Waaqayyo (Ba'u 12:21; Lakk. 14:14; 1Mot. 18:24)
   7. Humneessuu Waaqayyo (HoE 2:3)

B. Negaativii
   1. Ni guuba (Iya. 6:24; 8:8; 11:11; Matt. 22:7)
   2. Ni balleessa (Uma. 19:24; Lew. 10:1-2
   3. Dheekkamsa (Lakk. 21:28; Isa. 10:16; Zak. 12:6)
   4. Adabbii (Uma. 38:24; Lew 20:14; 21:9; Iya. 7:15)
   5. Milikkita dhugaatii isa sobaa (Mul. 13:13)

C. Dheekksamsi Waaqayyo cubbuu irratti qabu kan ittiin ibsameedha.
   1. Dheekkamsi isaa boba'e (Hos. 8:5; Sof. 3:8)
   2. Dheekkamsa isaa dhangalaase (Nah. 1:6)
   3. Ibidda bara baraa (Erm. 15:14; 17:4)
   4. Mallattoo dhufaatii (Matt. 3:10; 13:40; Yoh. 15:6; 2Tas. 1:7; 2Phex. 3:7-10; Mul. 8:7; 13:13; 16:8)

D. Akkuma milikitoota warra kaanii (racitii, leenca) ibiddis ebbaaf abaarsa ni ibsa.

▣ **"tokkon tokkosaanii"** Garaagarteen Ergamootaa ykn bartoota, gidduu dhiiraa fi dubartii gidduu kaa'ame hin jiru (Yo'el 12:28-32, HoE 2:16-21)

**2:4 "hundumtisaanii Hafuura Qulqulluun guutamani"** "guutamani" inni jedhu irra deebi'ame. (2:4, 4:8, 31; 6:3,5 7:55; 9:17; 11:24; 13:9)). Guyyuu Kiristoosummaatti fakkaachuu agarsiisa (Efs 5:18 fi Qol 3:16 morkaa). Kun cuuphaa Hafuuraa irraa addaa, isa shaakala kiristaanummaa fi Kiristoositti qabamuun itti eegalame agarsiisudha. (1Qor 12:13, Efs 4:4-5). Guutamuun humnoomsa afuuraa ittin hojii wangeelaa, lallabuun hojjetamudha! Yaadanno 3:10 irra jiru ilaalaa.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"afaan gara garaa dubbachu jalqaban"** |
| **NRSV** | **"afaan biroon haasa'u eegalan"** |
| **TIV** | **"afaan biroon dubbatan"** |
| **NJB** | **"afaan adda addaa haasa'u barani"** |

Akka barrootti "afaan biroodha" (*heterais glōssais*) Hiikkaan "afaan gara garaa" jedhu hubanno jecha kanaa lakk 6 fi 11 keessa jirukan calaqisudha. Hiikkaan biroo danda'amu "waca gammachuu" isa 1Qor 12-14 jiru irratti hundaa'u jedhamu danda'amu fi HoE 12:13dha. Afaan gara garaa meeqa ta'an akka dubbatamaa turan wanni ifa

godhu homtu hin jiru, akkanumatti baayye jedhamusaa malee yoo biyyootaa fi naannole walitti ida'amani lakka'amn ta'ellee lakk 9-11 waliigalli digdama hin caalani. 120 keessaa moo harki caalaan afaan walfakkaataa dubbatu turani.

Waaqayyo humnaa fi wanna addaatiin namoota dhiiraa fi dubartooa kutaa mana olaanu keessa sodaaadhaan guutamanii taa'anii humna ittiin wangeela lallaban eeggachaa jiran muraasa irratti waan isaan miira godhe (dhiiraa fi dubaartoota). Mallattoon dhufaatii Hafuura Qulqulluu abadatamee kana haa ta'u malee, Waaqayyo garbee biro ittiin ofittu fudhachuusaafis mirkansa (fkn Samaariyaanota, Romaanota, fi Ormoota) godhateera. "afaani" inni jedhu HoE keessattis akka mallattoo amantooa wangeelli booji'ee gosootaa fi qubsama lafaa adda addaa irra ta'uuf fayyadameeera. Afaan HoE fi Phaawuloos hojiisaa Qoronxoos keessatt (1Qor 12-14) giddu garaa garteen ni jira.

Akka Xinamantiitti phenxeqosteen faallaa gamoo Baablidha (Uma 10-11) Akkuma idaayyonni, finciltoonni bilisummaasaanii mirkanfatan (s.s wal horanii dachii gutuu mormatan) Waaqayyo gedhiisaa afaansaanii gargar facaasuun guuttateera. Amma barri Hafuuraa haaraan, inni namoota sabummaan akka hin gamtoomne godhe (s.s mootummaa biyya lafaa tokkomsuu) amantootaaf ni gargaare. Daangaa biyyoota hundaa kiristaanummaa (s.s umriin, saalaan, kutaan, lafaan afaaniin) seenee jiru garagaalcha isa Seer Uma 3 keessa isa jiruuti.

▣ "hafuurri dubbachuu isaa isaaniif kennetti" Gochichi agarsiiftuu giddu galeessaadha. Jechuunis afuurri isaaniif kennuu eegale jechuudha. Jechi "dubbachuu" (*apophtheggomai*) jedhu AMMA TAASIFAMEE (hirkatu) hinlakka'amnedha. Jechi kun Luqaas qofaan HoE (2:4,14; 26:25) keessatti fayyadamameera. Septu'ajent keessatti karaa raajootaan dubbatameera (s.s dubbii afuuraan guutame, Deeb 32:2; 1Seena 25:1; Hiz 13:9,19, Miki 5:11, Zak 10:2)

Hikkaa kana hiikkaa xinamantii Giriikoota durii keessatti "hir'uu guute" "dubbii tolaa" ykn "dubbii ol ka'aa" jedhutti deebisuu fedha. Luqaas waan jechoota xinamantoota bara sanaa beekuuf jechoota sanaan booji'amuu danda'eera.

**NASB (FOOYYA'E) BARROO: 2:5-13**

**5Yihudoonni Waaqayyoon sodaatan Yeruusaalem kan jiraatan, saba irra lafa hundumaa keessaa kan dhufan turan. 6Jarreen kun hundinuu huursaa kana yommuu dhaga'an, iddoo kun ta'eetti dacha'an; Warri hafuura qulqulluudhaan guutaman kun afaan tokkon tokkoon isaniitiin akka dubbatan dhageenyaan, waan jedha wallaalan. 7Na'anii dinqifatanii, "Warri dubbachaa jiran kun hundinuu Galiilota miti moo?" jedhanii gaafatan. 8Dabalaniis, "Tokkon tokkonkeenya attamitti afaan itti dhalanneen isaan dhageenya? 9Nuyi warri biyya Phaartee, warri Mediyaa, warri Elaam, nuyi namoonni Mesophotaamiyaa, warri Yihudaa, Qaphadooqiyaa, Phonxosii fi Asiyaas, 10nuyi warri Firiigiyaadhaa fi Phamfiliyaa, Gibxiidhaa fi kutaa Liibiyaa keessaa naannoo mandara Qareeneetii, nuyi warri Roomaas biyya ilaaluudhaaf kan dhufne, 11Nuyi Yihudoonni, amantii warra Yihudootaa kan fudhannees, nuyi warri Qareexisii fi Araboonni, isaan kun hojii Waaqayyoo isa dinqisiisaa afaan ofii keenyaan utuu ajajanii ni dhageenya" jedha. 12Hundumtii isaanii na'anii waan godhan wallaalanii, "Kun maal ta'uuf jedhaa?" jedhanii wal gagaafatan. 13Kaan immoo, "Isaan kun daadhii jabaa quufaniiru" jedhanii itti ga'isan.**

**2:5 "Waaqayyoon sodaaatan"** Jechi kun jechuun "waan tokko gaariitti qabachuu" jechuudha. (LXX Lew 15:31, Mikiyaas 7;2). Akka Yihudummaa Jaarraa duraatti Waaqayyoon kabajuu fi aadaa hangafootaati. (s.s. himamsa afaanii, Taalmud) kunneen qulqulloota namoota amantiiti. (8:2; 22:12; Luqaas 2:25)

▣ **"saba lafa hundumaa keessa jiran"** Yihudoonni dhiiraa kamuu jila aadaa sadeen irratti akka qooda fudhachu qaban ni dirqamu (Lew 23) iddoo sagadaa (Deeb 16:16) dhaqu. Isaanis (1) warri naannoo galaana Meditaraaniyaa jiran godaansaan gara Yeruusaaleem godaanan, hanga phenxeqostee turan ykn (2) jiraattoota Yeruusaaleem alaa dhufani achi qubatani (jechicha fayyadamu 4:16; 7:24; 9:22,32)

**2:6 "yommuu huursaa kana dhgahan"** Kun kan agarsiisu (1) huursaa qilleensaa darbaa jiru (lak 2) ykn (2) amantoota afaan gara garaa dubbatan (lak 4)

▣

**NASB,NRSV**

**NJB "faajja'ani"**

**NKJV "wallaalani"**

**TIV "waan jedhan dhaban"**

Jechichi "walitti qabuu" jechudha "ukkaamsuu" ykn "cufuu" jechudha (Luq. 8:45; 19:43; 22:63). Darbee darbee miiraa fi sammuu fis ni fayyada. (Luq 8:37; 12:50 fi bifa jecha birooni moo Luq 21:25).

Jechumti walfakkaataa Septu'ajent: keessatti Uma 11:7,9 afaan faajja'uu gamoo baabelin wal bira qabuun mul'ateera. Akka ani yaadutti phenxeqosteen gargalcha faallaa sabummaa gaafa gamoo Baabeel eegalameeti, dursa adabbii cubbuu sanyi namaa isa fedha Waaqayyoo irraa gargalee faffaca'ee yommuu ta'u lammeessoo of eegganoo sanyii namoota isa mootummaa addunyaa tokko jala galuu irraa baraaruuf godhameeti. Ibsituun *Jerome* Biblical commentary, jild 2, fuul 172, dubbii kana daran cimsuudhaan *dia'mezizō*, HoE 2:3 keessatti, bifa dabre dabreen, garuu moo septu'ajent keessatti Deeb 32:8, gamoo Baabel facaasuuf ooleera. Kana booda amantoonni biyyumaan wal hin qoodanii!

▣ **"dacha'anii"** Kun kan agarsiisu iddoo wantichi itti ta'e iddoo mana sagadaati. Sababnisaa jamaa guddaan kutaa dhiphoo mana olaantuu keessatti ykn daandii Yeruusaaleem irratti waan hin taaneefi.

▣ **"afaan tokko tokko isaaniitiin akka dubatan dhageenyaan"** Kun dhageettii dinqiidha; malee dubbii miti. (lak 8 fi 11). Yoo namoonni kun hundi afaan gara garaa haasa'u ta'e, yeroo tokko dubbatu ta'es jeequmsadha. Kun gargalcha xinamantii bara gamoo Baabelidha (Uma 11).

Kun jecha Giriik *dialektos* (lak 8)dha, isa jechi afaan Ingiliffaa "dialect" jedhamu irraa argamedha. Luqaas jecha kana irra deddeebi'ee HoE keessatti (1:19; 2:6,8; 21:40; 22:2; 26:14) fayyadameeera. Miira "qooqa" jedhuundha. Haa ta'u, yaada kanaan, jechi dialect (luga) jedhu sirri ta'a. Yihudoonni kun waa'ee Yesuus qooqa dhalootasaaniin dhagahanii. Isaaniif kana jechuun waa'ee ergaa Waaqayyoo isa haaraa dhugaa ta'uusaa mallattoon mirkanfachuu jechuudha.

**2:7** yaada kana keessatti jechoonni gara garaa hundi miira guddaa agarsiisuusaanii qalbiifadhaa.

1. *sunechō* "faajjeessuu" (lak 6)
2. *existēmi*, "raajeffachuu (lak 7)
3. *chaumazō* "dinqisiisaa" (lak 7, 12)
4. *diaporeō* "dogogorsuu" (lak 12)

▣ **"'warri dubbachaa jiran kun hundinuu Galiiloota miti moo?'"** Gaaffiin kun kan gaafatamuu danda'e sababa loqodasaanii kaabaa fi (s.s loqoda Matt 26:73). Jechi "maaliif" jedhu jecha Giriik *idou* (ijoollee), si'a digdamii sadii HoE fi Luqaas keessatti fayyadameeera.

**2:9 "Phaartee, warre Meediyaa, warri Elaam, nuyi namoonni Mesophotaamiyaa"** Isaan kun hundi lafa misoomtuu (mesophotaaiyaa) irraa, lafa Abrihaam irraa yaamame (Ur warra kaladaanotaa Uma 1:28) fi iddoo Yihudaa fi Israa'eel irra baqatan (Azaariyaa Baabiloonaa) irraa garee argamanidha.

▣ **"Yihudaa"** maaliif Yihudaan biyyoota walitti hin dhiyaanne lamaan gidduutti maqaansaa ka'ee? Maaliif maqmaxxan malee seerluga sirri gidduutti tarreeffamee? Maaliif namoonni Yihudaadhaa afaan haaraa Armaanika haasa'u warra Galiilaa isaan dinqee? Sababa gaaffii kanaa baayyonni dogoggorri akka uumamee fi jechichi saba biro agarsiisa jedhani tilmaamaniiru

1. Tertuliyaan, Augistiin – Armaaniyaa
2. Jeroomee – Siriiyaa
3. Kirisoosm, Eraasmas – Indiyaa
4. Tilmaama hammayaaf Buruus M.Meezer, A Textual Commentary on Giriik NT, ful 293 ilaalaa.

**2:9-10 “qaphadooqiyaa, phonxosi fi Asiyaas, nuyi warri firiigiyaadha fi phemfiliyaa”** kun gara biyya Turkii isi bara kanaati.

**2:10 “Gibxiidhaa fi kutaa Liibiyaa keessaa naannoo mandara Qareeneetti”** isaan kun Afrikaa Kaabaati.

▣ **“Roomirraa”** Godaantoonni Yihudaa haala kanaan gara kanatti geddaramani madda waldaa Roomaa ni ta’u.

▣ **“amantii Yihudootaa kan fudhanne”** isaan kun Ormoota amantii Yihudootaa fudhatan (1) seera Muusee kabajuu (2) dhiirti dhaqna qabachuu (3) ragaa fulduratti cuuphamu (4) iddo sagadaatti aarsaa dhiyeessuutu irraa eeggama. Yerusaalem jirani, sababni warri dhiiraa jail sadeen irratti argamuun dirqamasaaniiti. (Ba’u 23 fi Lew 23).

**2:11 “Qarexisi”** Kun oddoola maditaraaniyaa qarqara biyya Turkii fi odoolota naannoo sana jiraniif maqaadha.
▣ **“Araboota”** isaan kun sanyii Esaawdha. Gosonni Arabaa naannoo giddugala Kibba bahaarra hedduminaan fala’anii jiraatu. Tarreeffamni kun saba Yihudaa jaarraa duraa addunyaa guutuu keessa turan bakka bu’a. Feetu moo dubbii dalga akka qooqa torbaatama kan addunyaa fi Yihudaan mallattoo namoomaa ta’eeti (Luq 10). Yaadni walfakkaatu kun Deeb 32:8; LXX keessatti ibsameera.

**2:12** Godaantoonni haala addaa kana akka mallattoo barbaachisaatti hubatu. Pheexiroos gaaffiisaaniif deebii kennuuf of qopheesse.

**2:13 “guutamaniiru”** kun agarsiiftuu giddu galeessaa ta’eef bartoonni dhuganii gara machiitti of geessanii machaawusaani mirkansuufidha.

▣ **“dhaadhii wayinii”** Haalli itti yerichi ibsame hordoftonni Yesuus dhuguusaaniiti (Efs 5:18a). Akkamiin dhugaatii dandeettii lugaa ibsaa? Haalli gammachuu fi bohaarti turuusaa ni amana.

**MATA DUREE ADDAA: HAALA KAN ALKOOLAA (BIQILA) FI MACHII (ARAADA’UU)F QABU**

I. Jechoota Wangeelaa:
   A. Kakuu Moofaa
      1. *“yayin”* – kun jecha waliigalaa kan ‘Alkooliif’ kennamedha yoo ta’u yeroo 141, tajaajileera. Dhufteen jecha kanaa (etymology) kan ifa ta’e ykn amanamaa miti, Sababni isaas, hundee jecha Ibirootaa waan hin taaneefidha. Kunis kan yeroo mara cuunfaawwan fuduraalee, kan Ija eenabaa, Jechuudha. Gosa luqqisii kanaa muraasa. Uuma 9:21; Ba’u 29:40 S.Lakk 15:3,10 irratti dubbisi.
      2. *“Tirosh”* – kunis “Wayinii (eenabaa) haaraa” dha. Sababa Haala qilleensaa naannoo bahaatiif, kan turee callalame/danfe (permentotion) Akkuma cuunfaan wayinii sun ba’een booda sa’aatii ja’aatti eegale. Jechi kunis wayinii danfaa/callatamaa irra jiru ibsa. Gosa luqqisii kanaa muraasa S.Kees 12:17; 18:4; Isa 62:8-9; Hos 4:11 dubbisi)
      3. *“Asis”* – Kun Sirrumaan dhugaatiiwwan alkooliiti. (Yo’el 1:5; Isa 49:26)
      4. *“Sekar”* – Kunis jecha “dhugaatii cimaa” jedhu kan ibsudha, hundeen jecha Ibirootaas, jecha dhugaatii (drunk) ykn dhugduu (drunkard) jedhuun tajaajila. Innis waanta itti dabalamuu caalaatti keemikaalummaa isaa dabalu ni qaba. Innis “yayin” wajjiin ni hiriiro/walfakkaata. (cf. Fak 20:1; 31:6; Isa 28:7).

B. Kakuu Haarawaa
   1. *Oinos* - Jecha Giriik "*yayin*" wajjin tokko ta'edha.
   2. *Neos Oinos* (new wine) - jecha Giriik kan "*tirosh*" tokko ta'edha.
   3. *Cileuchos Vinos* (sweet wines, asis) - Wayinii gulantaa danfa ykn calala duraara jirudha.

II. GAMA WANGEELAAN AKKANNI ITTI TAJAAJILU
A. Kakuu Moofaa keessatti
   1. Wayinii/Eenabaan kennaa Waaqayyooti (Uuma 27:28; Far 104:14-15 lal 9:7; Hos 2:8-9; Yoel 2:19,24; Amos 9:13; Zak 10:7).
   2. Wayiniin Aarsaa eknnamaa ture keessa tokkodha.
   3. Wayinii (Eenabaan) akka kininii (qorichaatti) ni tajaajila (2Sam 16:2; Fak 31:6-7).
   4. Wayinii rakkina dhugaa ta'uus ni danda'a (nohi Uma 9:21; Lox Uma 19:33-35; Saamsoon Abo 16:19; Naabaan 1Sam 25:36; Uriya 2Sam 11:13; Amoon- 2Sam 13:28; Elahi !Mot 16:19; Benhadad- 1Mot 20:12; Bulchitoota biyyaa Amos 6:6; Giftii (ladies) Amos 4).
   5. Wayiniin kan nama miidhu ta'uu danda'a. (Fak 20:1; 23:29-35; 31:4-5; Isa 5:11, 22; 19:14; 28 :7-8; Hos 4:11)
   6. Gareewwan adda addaaf wayiniin dhorkaadha.Luboota ittigaafatamummaarra jiran, Lew 10:9; His 44:21; Naazereetota, lakk 6; fi geggeessitoota, Fak 31:4-5; Isa 5:11-12; Hos 7:5).
   7. Wayiniin gama "Iskaatooloojii" tiinis ni fayyada. (Amo 9:13; Yoel 3:18; Zak 9:17)

B. Alwangeelaan/Interbiblical
   1. Dhugaatiin daangaa qabeessi (hanga nama ga'u qofa) baay'ee nama gargaara (Lal 31:27-30).
   2. Dureen barsiifata Yihudootaas akka jedhutti "wayinii duree daawwaa hundaati; bakka wayiniin hir'ina qabuttidha qorichi kan barbaadamu" (BB58b).

C. Kakuu Haarawaa
   1. Yesuus bishaan hammaan guddaa ta'e wayiniitti jijjiireera (Yoh 2:1-11)
   2. Yesuus wayinii dhugeera (Maat 11:18-19; Luq 7:33-34; 22:17ff)
   3. Pheexiroos dhugaatiin bakka "phenxeqoostee" ykn Afuurri qulqulluun namootarratti bu'etti mormeeta (Hoe4 2:13)
   4. Wayiniin akka daawwaatti tajaajiluu danda'eera (Mar 15:23; Luq 10:34; 1Xim 5:23)
   5. Bulchitootni (gegeessitoonni dhuguu hin qaban, kunis guutumatti of daangeessoota (abstainers) jechuu miti.
   6. Wayiniin yoomessa "Iskaatolojii" keessattis ni tajaajila. (Mat 22:1ff, Mul 19:9)
   7. Dhugaatii cimaan balaaleeffatameera (Mat 24:49; Luq 11:45; 21:34; 1Qor 5:11-13; 6:10; Gal 5:21; 1Phex 4:3; Rom 13:13-14).

III. Hubannoo "Tiyooloojii"
A. Dhiphina gama falmii gochuun dhugaasaa bira ga'uu
   1. Wayiniin kennaa Waaqayyooti
   2. Dhugaatii cimaan Rakkoo guddaa kana ta'edha
   3. Sababii wangeelaaf jedhanii amantoonni aadaawwan gara garaa gadhiisii dhugaatiif qaban daangeessuu qabu (Mat 15:1-20; Marq 7:1-23; 1Qor 8-10; Rom 14:1-15:13).

B. Kallattii adeemsa daangaa kennameen alaa
   1. Maddi wantoota gaarii hundi Waaqayyodha (uumamni "baay'ee gaaridha" Uma 1:31)
   2. Namni cubbamaan kennaa Waaqayyoo hundaa mormee, daangaa Waaqayyo kenneen alatti

fudhachaa jira.

C. Wanti gadheen nu keessaa malee wantoota keessaa miti, uumama mul'atu keessa hamaan hin jiru. (cf. Mar 7:18-23; Rom 14:14,20; 1Qor 10:25-26; 1Xim 4:4; Tit 1:15).

IV. Jaarraa tokkoffaatti aadaafi danfisuu/callaluu Yihudootaa

A. Calaluu/danfisuun, battalaan eegale, kunis tilmaamaan sa'a ja'a booda erga ijji wayinii caccabee keessattuu qilleensi oo'aa keessatti kan al-hayijinii ta'en.

B. Aadaan Yihudootaa akka jedhutti, yeroo homachi xinnoon irra isaatti mul'atu, (mallattoo danfuusaa) harka kudhan (kurnoo) wayinii ta'uu danda'e jechuudha.

C. Calalli cimaa ta'e kan sadarkaa duraa torbee tokko booda raawwata.

D. Calalli lammaffaan guyyoota 40 fudhata. Jijjiirama kana irratti "wayinii yeroo fudhate" (Aged wine) jedhamee ilaalamuu fi kan jijjiiruuf dhiyaatudha. (*Edhuyyoth 6:1*)

**BARREEFFAMA NASB (FOOYYA'AA) 2:14-21**

[14]Pheexiroos garuu, warra kudha tokkoo wajjiin dhaabbatee, sagalee isaa ol fudhatee, namootatti dubbachuutti ka'e "Isin yaa warra Yihudootaa, warri Yerusaalem jiraattanis, hundinuu mee hubadhaa, dubbiin koos isiniif haa galu! [15]"jarreen kun kan machaa'an isinitti hin fakkaatiin, amma gamana, yeroonis sa'aatii sadaffaadha. 16Inni asitti ta'e kun garuu waan Waaqayyo Afaan Raajicha Yoo'eeliin dubbatedha. [17]'GUYYAA GARA DHUMAATTI AKKANA NI TA'A JEDHA WAAQAYYO, FOON QABEESSA HUNDUMAAF HAFUURA KOO NAN KENNA, ILMAAN KEESSANII FI INTALOONNI KEESSAN RAAJII NI DUBBATU. DARGAGGEOONNI KEESSAN MUL'ATA NI ARGU. MAANGUDDOONNI KEESSAN ABJUU NI ABJOOTU. 18EYYEE, GUYYAA RAKKOO NAN KENNA RAAJIIS NI DUBBATU. [19]WANTA DINQISIISAA OL WAAQA IRRAA, MILIKKITAS GAD LAFA IRRAA, DHIIGAA FI IBIDDA, AARA LAFA GURRAACHESUS NAN ARGISIISA. [20]GUYYAAN GOOFTAA INNI GUDDAANII FI DINQISIISAAN UTUU HIN DHUFIIN ADUUN DUKKANATTI IINIS DHIIGATTI NI GEEDDARAMTI. [21]MAQAA GOOFTAA KAN WAAMMATU HUNDINUU IMMOO NI OOLA' JEDHE.

**2:14 "Pheexiroos"** Amma yaadi sirriitti, duuka buutota hunda keessaa, lallaba kiristaanotaa isa jalqabaa kan lallabe Pheexiroosidha. Nama otuma beekuus yeroo sadii Iyyaasuus ganedha. (cf. Luqaas 23). Jijjiiramni Pheexioos sodaa fi haala suukaneessaan ganuu irratti fidee fi hubannoo gama afuuraan argate kun, ragaa afuurri jijjiirama jireenyaa irrati humna qabaachuusaa ibsuudha. Kunis lallaba isaa kan yeroo jalqabaaf hojii ergamootaa keessatti galmaa'edha Innis qabiyyee fi xiyyeefannoo ergamoonni lallaba irratti qaban nutti argisiisa. Lallabni ergamootaa kunis hojii ergamootaa baay'ee barbaachisaa ta'edha.

**MATA DUREE ADDAA: *KIRIYIGMA* (*KERYGMA*) WALDAA KIRISTAANAANOTA DURII**

1. Kakuu Moofaa keessatti waadaa ykn kakuun Waaqayyoon kakatame, amma dhufaatii Yesuus, masihichaan raawwatameera. (Hoer 2:30; 3:19,24; 10:43; 26:6-7,22; Rom 1:2-4 1Xim 3:16; Ibr 1:1-2; 1Phex 1:10-12; 2Phex 1:18-19).
2. Yesuus akka masihichaatti yeroo inni cuphamu Waaqayyoon olibameera (Hoer 10:38)
3. Yesuus hojii isaa kan eegale erga cuuphameen booda Galiilaatti ture (Hoer 10:37).
4. Hojiin isaa kunis, amala hojii gaarii hojjechuu fi hojii hin yaalamne hojjechuun maalummaa huma Waaqayyoo ibsuudha (Mar 10:45; Hoer 2:22; 10:38).
5. Akka fedha Waaqayyootti "Masihichis" ni fannifame (Mar 10:45, Yoh 3:16; Hoe 2:23; 3:13-15:18; 4:11; 10:39; 26:23: Rom 8:34; 1Qor 1:17-18; 15:3; Gal 1:4; Ibr 1:3; 1Phex 1:2,19; 3:18; 1Yoh 4:10)
6. Innis warra du'an keessaa ka'ee, duuka buutota isaattiyyuu mul'ateera. (Hoe 2:24, 31-32; 3:15,26; 10:40-41; 17:31; 26:23; Rom 8:34; 10:9; 1Qor 15:4-7,12ff; 1Tas 1:10;1Xim 3:16; 1Phex 1:2; 3:18,21).

7. Waaqayyo Yesuus ol ol qabee maqaa “Gooftaa” jedhus kenneef (Hoer 2:25-29,33-36; 3:14; 10:36; Rom 8:34; 10:9 1Xim 3:16; Ibr 1:3; 1Phex 3:22).
8. Saba Waaqayyoo haaraa uumuuf, afuura qulqulluu ni kenne (Hoer 1:8; 2:14-18, 38-39; 10:44-47, 1Phex 1:12).
9. Firdii fi haarumsuuf jedhees deebi’ee ni dhufa. (Hoer 3:20-21; 10:42; 17:31; 1Qor 15:20-28; 1Tas 1:10).
10. Kan sagalicha dhaga’e hundi qalbii diddiirrachuu fi cuuphamuu qaba. (Hoer 2:21, 38; 3:19; 10:43, 47-48; 17:30; 26:20; Rom 1:17; 10:9; 1Phex 3:21).

Gabkaroorri kun (schema) akka labsii waldoolee kiristaanaa duriitti tajaajilu, kunis karaa brreessitoota

▣ **“warra kudha tokkoo wajjiin”** Kunis wantoota lama argisiisa: (1) Pheexiroos Afyaa’ii garuu, hanga sanattiyyuu qaama ergamootaa keessaa tokko ta’uusaa. Innis qophaasaa kan dubatu ykn aangoo isaatiin kan dubbatu hin turre. Afuurri qulqulluun adduma addaan garee kana guutuu keessaan, akka rgaa argan (eyewitness)tti dubbachaa kan turee fi (2) Maatiwoos kan nutti waa’ee hojiisaa homaa hin beekne, ama waajjira qaama ykn garee ergamootaa keessatti tokko ta’uu isaati.

▣ **“warra Yihudootaa fi warra Yerusaaleem jiraatan”** Sabni baka sana turan lamummaadhaan warra gara mana quqlullummaa deeman irraa gargar ta’uu isaanii gadi fageenyaan ibsa. Lakk 7-11.

▣ **“Mee hubadhaa dubbiin koos isiniif haa galu”** Lachan isaatuu abboommii ibsa. Inni jalqabaa si’aayina amaati (present acive) inni lammaffaan immoo muuxata giddu gala (AORIST MIDDLE)ti. Pheexiroosis akka yaanni isaaniin hin facaane ykn gargar hin hiramne barbaade.

Gaaleen kunis dhugaan isaa kan jechama seemii ta’edha. Innis lallaba Pheexisoosiin ibsuun yeroo lama tajaajileera. (cf. 2:14; 4:10) Phaawuloos kan lallabe keessattis yeroo lama tajaajileera. (cf. 13:38; 28:28). Luqaas kan dubbicha dhaga’ee akka dargaggeessaatti (jijjiiramee) dubbatedha. Hambaan jechama warra seem kunis, sababa Tiyooliitii fi jedhee Luqaas lallaba kan hojii ergamootaa keessatti akka ofiisaa hin uumne nutti argisiisa, garuu amanamummaadhaan madda isaa cunfee ibsuu isaati.

**2:15 “jarreen kun kan machaa’an isinitti hin fakkaatiin”** Pheexiroos lakk 13’n wal qabatee kan yeroo durii Yihudoonni Ortodoksii turan wayinii dhuguun ta’an irratti akkas jechuun deebii kan kennedha. Kunis duree barsiisa kan Seera Ba’uu 16:8 irra jiruun hiikame hordofa (cf. E.M Blaiklock, Tyndale, NT Commentary Series, Acts p.58).

▣ **“sadaffaa”** kunis sa’aatii sadiitti. Innis yeroo guyyaa guyyaadhaan, ganama aarsaan mana qulqullummaatti itti dhiyaatu ture. Yihudootaafis kadhataaf yeroo addaa ture. “sa’aatii sadaffaa kan jedhu kunis agarsiisa yeroo Yihudootaa ture. Barreessitoonni Kakuu Haaraa (keessattuu Yohaannis). Agarsiistuu yeroo lamaan kan Yihudootaa fi kan Roomaanotaatti dhimma ba’u.

**2:16 “kunis wanta karaa raajichaa Yoo’el dubbatamedha”** Kun kan Yoo’el 2:28-32tti jiru irraa fudhatame. Beektoota torbaatamaan ta’edha. Yesuus mataa isaatiinuu ergaa ykn dubbii Raajummaa kana akka raawwatamu ibsuun madda ta’eera (Luq 24:27).

**2:17 “GUYYAA GARA DHUMAATTI”** Kunis barreeffama beektoota torbaatamaa 9septuagint text)f jijjiirame Luqaas ta’uu hin oolu Kakuu Moofaa keessatti, Gaaleen kun yeroo dhumaa yeroo dhufaatii Masihii ibsa. Kakuu haaraa keessatti immoo “guyyaa dhumaa” kan baroota yihudootaa lama walirra bu’an ibsa. Barri haaraan kan jalqabe dhalachuu Kiristoos Beteleemitti ta’een eegalee hanga bara inni lammata dhufutti kan itti fufudha. Nutis “kan duraa” fi “kan hanga ammaatti hin taanee” gidduutti dhipachaa ykn yaadda’aa jirra. Waa’ee Mootummaa Waaqayyoo jechuudha.

**MATA DUREE ADDAA: BARA KANAA FI BARA DHUFUUF JIRU**

Raajoonni Kakuu Moofaa, wanta gara fuulduraatti ta'u kan yeroo ammaa dalagamaa jiru ibsaa turaniiru. Isaaniif guyyaan dhufu (future) kan gama ji'oogiraafiitiin haaramfamuu ykn ijaaramuu saba isiraa'el ture. Tayyuu, Guyyaa haaraas arganiiru. (cf. Isa 65:17; 66:22). Mormiin fedha guutuu YHWH kan itti fufinsaan hordoftoota Abrahaamiin ta'aa ture, (baqaan boodallee taanaan). Kallattii haaraan hogbarruu al wangeelaa kan dhuma biyya lafaa jedhu keessatti guddatee ture. (ie. 1Enoch, IV Ezra, II Barcich). Barreeffamni kunis baroota lama gidduutti gargar ba'uu eegale. Hammeenya bara kanaa kan seexaanaan to'atame fi bara sirrii isa dhufuuf jiru kan Afuura qulqulluun to'atameefi kan Masichaan hooganamu (yeroo mara sabaaf loluuf kan humna qabu).

Dirree tiyooloojii kana keessatti, baroota Yihudootaa lamaan kunneen keessatti guddinni ifa ta'e ni jira. Qo'attoonni tiyooloojii, baroota kana "pirogressive revelation" (mul'ata adeemsarra jiru) jedhanii waamu. Kakuun Haarawaan dhugaa baroota lamaan kanaa (ie a temporal dualism) ni ibsa.

| **Yesus** | **Phaawuloos** | **Ibroota** |
|---|---|---|
| Maatiwoos 12:32 | Romaans 12:2 | 1:2 |
| Maatiwoos 13:22 fi 29 | 1Qor 1:20; 2:6,8; 3:18 | 6:5 |
| | 2Qor 4:4 | 11:3 |
| | Gal 1:4 | |
| Maarqoos 10:30 | Eph. 1:21; 2:1,7; 6:12 | |
| | 1Xim 6:17 | |
| Luqaas 16:8 | 2Xim 4:10 | |
| Luqaas 18:30 | Tit 2:12 | |
| Luqaas 20:34-35 | | |

Tiyooloojii Kakuu Haarawaa keessatti baroonni lamaan Yihuudootaa kun walirra kan oolan sababa dhufaatii Masihii lamaan haala hin eegamnee fi haala hin tilmaamamneen taudha. Dhalachuun Yesuus, Raajii Kakuu Moofaa keessatti hoogganaa haaraa bara haaraa jedhu guutuuf ykn raawwachuuidha. Ta'uyyuu Kakuu Moofaa jedhe kana, humnaan deebi'ee mul'achuuf jira (Mul'ata 19). Rawwiin gulantaawwankana lamaaniis Mootummichi akka jiraatuuf sababa ta'u (hogganaa) garuu, gara fulduraattidha (kan guutumaatti hojiirra oole miti). Kunis yaada'ina Kakuu Haarawaa kan duraati malee hanga ammaatti kan ta'es miti.

▣ **"jedhe Waaqayyoo"** Codex Bazae, MSD has Kurios (lord) Kurios (gooftaan) kan jedhu YHWH bara Kakuu Moofaa ibsuu ni danda'aa? Innis dhugaadhumaan. Theos (God/Waaqayyo) dubbii Waaqayyoo ibsuuf yaalii barreeffama harkaa ta'e (scribal) ta'uu ni danda'a jedha.

▣ **"dhala namaa hunda irratti afuura koo nan dhangalaasa"** kan hubatamu, fiirii waliigalaa ta'uu isaati (cf. lakk 39) Yesuus keessatti barsiifanni durii kufoodha ykn fudhatama hin qaban. (cf. 1Qor 12:13; Gal 3:28; Ef 3:6; Qol 3:11). Garuu Yihudoonni dubbicha dhaga'aniif adda ba'ee kan hin ibsamne ta'uun Yoo'el 2 irratti eramee lakk 38 irratti kan garaa garummaa ibsu ni hiree akka bifa isaattis uumuun (gama hogbarruun, namoota (foon qabeessa maraaf jechuudha) isa Uma 1:26-27tti ibsameera.

▣ **"ILMAANII FI INTALOONNI KEESSAN, MUL'ATA NI ARGU…DHIIRAA FU DUBARTII AFUURA KOO NAN KENNA"** Wanti asitti hubatamuu qabu garaagarummaan saalaa kan hin jirre ta'uu isaati.

**MATA DUREE ADDAA: DUBARTOOTA WANGEELA KEESSATTI**

**I. Kakuu Moofaa Keessatti**

A. Gama aadaatiin dubartoonni akka qabeenyaatti ilaalamu.
   1. Qabeenya tarreeffaman keessatti hammatamaniiru (Ba'u 20:17)
   2. Miidhaa hojjettoota dubartiirraa (Ba'u 20:7-11)

3. Gama hawaasummaan dubartoota ittigaafatamummaa warra dhiiraa keessaa wareega isaanii haquu danda'ameera. (S. lakk 30)
4. Lola keessatti booji'amuu/saamamuu dubartootaa (Kees 20:10-14; 21:10-14)

B. Yaaliidhaan waan cancare ni jira/bilchaataa
1. Dhiirris dubartiinis bifa Waaqayyoon uumaman (Gal 1:26-27)
2. Kabaja abbaa fi haadhaa (Ba'u 20:12 [Kees 5:16])
3. Tabaroo haadhaa fi abbaa (Lew 19:3; 20:9)
4. Dhiirrii fi dhalaan adda ba'uu qabu (lakk 6:1-2)
5. Dubartoonni mirga dhaalmaa qabu (S. lakk 27:1-11)
6. Qaama saba kakuuti (Kees 29:10-12)
7. Barsiisa Abbaa fi haadhaa hubadhu (Fak 1:8; 6:20)
8. Ilmaanii fi dubartoota Hemaan (Maati Lewii) wara mana quqlullummaa keessatti faarfannaan gegeessaa ture. (1Seen 25:5-6)
9. Ilmaanii dubartoonni bara haarawaa keessatti mul'ata ni argu (Yoo'el 2:28-29)

C. Dubartoota ga'ee geggeessummaa keessatti
1. Obboleettiin Muusee, Miiriyaam Raajummaaf waamamteetti (Ba'u 15:20-21)
2. Dubartoonni uffata dhahuun mana qulqulluummaa akka tajaajilaniif Waaqayyo kennaa kenneef (Ba'u 35:25-26)
3. Dubartiin Dibooraa jedhamtus raajii dubbattee (Abo 4:4), qomoo sana hunda geggeesiteetti (Abo 4:4-5, 5:7)
4. Huldaa mooticha Yosiyaasiif inni Macaafa Haarawaa argme (Book of the Law) jedhu akka dubbifamuu fi hiikamuuf gaafannaa raajii dubbattee tajaajilteetti (2Mot 22:14; 2Seen 34:22-27)
5. Moottittiin "Esteer" dubartiin jaalatamtuu sun Yihudoota Peershiyaatti fayyiftee/baraarteetti.

## II. Kakuu Haarawaa Keessatti

A. Gama aadaatiin, judizimii keessattis ta'ee, biyyoota Giriikoo Roomaa keessatti, dubartoonni lamiilee sadarkaa lammaffaan, mirgoota murtaasa yaaliin ilaalmaa turan (Mesoodoniyaan keessatti hin ammatamu).

B. Dubartoonni Geggeesummaa keessatti gahee isaan qaban:-
1. Elzaabeet fi Maariyaa, dubartoota asseelloo Waaqayoof jiraatan (Luq 1-2)
2. Haannaa, dubartii Asseelloo Mana Qulqullummaatti baa'ee tajaajilaa turte (Luq 2:36)
3. Liidiyaa, amantuu fi geggeessituu/eegduu kiristaanaa (Hoer 16:14,40)
4. Dubartoota Filipisiyus Arfan raajii dubbatan (Hoer 21:8-9)
5. Febeen, daaqonni waldaa kiristiyaanaa kana chre'oo tajaajilaa turte (Rom 16:1)
6. Friska (prisca/priscillal) kan Phaawuloos wajjiin hojjechaa turte fi barsiiftu Apploos (Hoer 18:26; Rom 16:3)
7. Maariyaam, Tiriifeenee, Tirifaasee, Pharsiis, Juulliyaa, obboleettii Nereyoos fi dubartoota hedduu Phaawuloos waliin hojjechaa turan (Rom 16:6-16)
8. Juniyaa (Kju) haala danda'ameen dubartii ergamtuu turte (Rom 16:7)
9. Ewodiyaa fi Sinxiikeen warra Phaawuloos wajjiin hojjechaa turan (Fil 4:2-3)

## III. Amantoonni bara kanaa fakkeenyota gargar ta'an kan wangeelli kaa'e kana akkamitti madaaluu:-

A. Dhugaawwan seenaa fi aadaa kana namni tokko akkamitti murteessuu danda'a, kunis kan bu'uura ka'umsa barreeffama kana qofa irratti hojjechuu danda'u, kan dhugaawwan bara baraan waldaalee kiristaanaa maraaf dhugaa/fudhatamoo ta'an irraa, amantoota hunda baroota hund akeessaarraa?
1. Haala sirna qabeessaan fidumsa yaada barreessitootaa fudhachuu qabna. Macaafni Qulqulluuis dubbii sagalee Waaqayyoo fi Amantii fi yaaliisaaf kan madda addaa ta'edha.
2. Dhugaa'ummaa gama seenaatiin jiru kan barreeffama kana jajjabeessuuf haaleffama irratti qo'achuufi hojjechuu qabna.

a. Waaqummaa Waaqeeffachuu Israa'eelootaa (jila fi kadhata) (cf. Hoer 15; Gal 3).
b. Judizimii jaarraa jalqabaa
c. Gama seenaatiin Phaawuloos hima inni Qoronxoos keessatti haalesse.
   1. Sirna Seera warra Roomaa saba Waaqayyoo hin turree (1Qor 6)
   2. Garbummaan hafuu (1Qor 7:20-24)
   3. Qeerrummaa (1Qor 7:1-35)
   4. Durbummaa (1Qor 7:36-38)
   5. Nyaata Harkee/Waaqa tolfamaaf aarsaa ta'u (1Qor 10:23-33)
   6. Gocha dhiphina hin qabne, kan Waaqayyo irratti ol'aantummaa argate (1Qor 11)

3. Waaqayyoo ofii isaatiif guutmmaan guutuu fi ifumatti aadaa murtaa'ee fi guyyaa murtaa'etti of ibseera. Mul'ata kana nutis sirnaan fudachuu qabna; garuu kallattiiwwan eenaan wallta'insa isaa mara miti. Sagaleen Waaqayyoos, jechoota namaatii barreeffamanii, Aadaawwan murtaa'aniif yeroo murtaa'an keessatti kennaman.

B. Hiikkaan Macaafa Qulqulluu hundee/ ka'umsa Fidumsa yaada barreessaa ilaallachuu qaba. Guyoota isaa keessatti maal jedhee ture? Kunis gurmaa'inaa fi barbaachisummaa guddaa hiikaa keessaatti sirriin barbaadamuudha. Garuu, kansaa kana nutis gara guyyoota isa kan keenyaatti fidnee ittiin dalaguu qabna. Ammas, Geggeessummaa dubartootaa irratti rakkinni addanatti ni mul'ata. (hiikusi dhugaan rakkina kanaas, Jecha kana hiikuu danda'a. Hojii irra caalaa ta'e kan akka geggeessummaatti ilaalaman (luboota) irra jiraa? Daaqonoonni ykn Raajonni akka geggeesitootatti ni ilaalamuu?). Kana Phaawuloos 1Qor 14:34-35 fi 1Xim 2:9-15 irratti Dubartoonni kadhannaa hawasummaa irratti geggeessummaa akka hin fudhanne ibse baay'ee ifaadha. Garuu Akkamittan ani har'a hojiirra oolchuu danda'a? Ani ofii koof Aadaa Phaawuloos hordofe sana keessa hin jiru, ykn hin fedhu ykn Aadaan koo kan sagalee fi Fedhii Waaqayyoo waliin ta'u ta'uu qaba. Haala danda'ameen guyyoota Phaawuloos sana/baroota isaas daangeessuudha. Garuu, baroonni koo immoo banamaa ykn itti fufaa jiru. Kanaaf jechoonni mijaatoo hin taane kan Phaawuloos itti fayyadameee fi barsiise haala irratti hundaa'anii jaarraa jalqabaa keessa haalota naannootiin akka sirrii/dhugaatti fudhatamanii turan. Kunimmoo kan ani gara yaada kootti fudhadhee ykn Aadaa koo keessatti fudhadhee, sirreessuun (negate) jajjabina biro fidu akkamittiidha?).

Kun ta'uyyuu, yeroo wangeelli geggeessummaa dubartootaaf fakkeenya kennu, anoo maal gochuun qaba? (*Barreeffama Phaawuloos ta'ullee*, cf. Rom 16). Kanaaf Fakkeenya gaarii kan ta'u kadhannaa hawaasummaa 1Qor 11-14 irratti Phaawuloos marii/ibsa godhee Dubartoonni akka lallabanii fi akka kadhannaadhaan kadhata hawaasummaa irratti tajaajilan eeyyamedha. Kunis Mataa isaanii haguugachuudhaan akka ta'us barsiiseera, hanga ammaattuu (hanga 14:34-35) illee callisaniituma turan.

Daaqonoonni (Rom 16:11) fi Raajonni (cf. Hoer 21:9) Achi turaniiru. Gargar baafadhuu bilisummaa naaf kenneera (Akka dhiibbaa dubartootaan wal qabate ta'e) akka jaarraa jalqabaa keessa warra Qoronxoosii fi Efesooniif daangeffame. Waldaalee kiristaanaa lamaan keessayyuu rakkinni dubartoonni bilisummaa isaanii haaraa dhaabbachu qaban irra tureera. (cf. Bruce Winter, Corinth after Pow left). Kiristoositti fiduuf dhiibbaa guddaa fideera. Bilisummaan isaanii daanga'uu qabayyu ture; wangeelli ga'umsa akka argatuuf jechuudha.

Guyyoonni ani keessa jirru kun, kan Phaawuloosiin faallaadha. Guyyoota ani keessa iru, yoo leenji'ame, wangeelli daangeeffamuu danda'a. yaadni dubartoota irratti jiru dubartoonni akka wangeela hirmaataniifi akka geggeessan hin hayyamu. Kaayyooon guddaan kadhata hawaasummaa maali? Dhuga ba'umsa wangeelaa fi Duuka bu'ummaa mitii? Waaqayyo geggeessitoota dubartootaan kabajamuu fi bakka argachuu ni danda'aa? Wangeellis akka guutuutti deebii "Eeyyeen"! Jedhu qaba.

Yaada Phaawulooskana weeraruu (toyield)n barbaada; Tiyooloojiin koos, gulantaa jalqabaarratti kan Phaawulos ture. Kan "Modern Feminism" jedhuunis, haala malee dhiibamuu ykn qajeelfamuu hin fedhu. Ta'uyyuu, Akka waldaaleen kiristaanaa kanaaf deebii kennuuf tasgabbooftuu fi dhugaa wangeelaa hubachiiftu nan miireffadha. Kunis akka Saalummaa; Akkasumas Addunyaa ammayyaa keessattis Cunqursaa/himannaa dubartoota irratti, tasgabbaa'uu qabu. Waaqayyo karaa Yesuusiin warra cunqursaa jala jiraniifi dubartoota bilisoomseera. Akka daangaa Aadaan deebi'anii hidhamanis hin fedhu.

Qabxiin guddaa ta'e, Akka hiikkaa Qoronxoos waldaa baay'ee jeeqamtuu turuu ishee nan beeka. Kennaan sana kennaa ta'anii badhaasaaf kennamuu fi ittiinis jajamaniiru. Dubartoonni as keessatti irraa qabamuu qabu. Akkasumas Efesoon barsiisota sobaan jeeqamaa (raafamaa turuu ishees nan amana. Kunis warra bu'aa dubartootaa fudhachaa fi Manneen waldaa Efesoon keessattis akka bakka bu'oota Af yaa'iin (speakers) itti fayyadamaa turan.

C. Ibsa wantoota dubbifamanii:-
*How to Read the Bible For All Its Worth by Gordon Fee & Doug Stuart* (Fuula 61-77)
*Gospel and Sprit: Issues In New Testament Hermenevitics*. By Gordon Fee
*Hard Sayings of the Bible by Walter C. Kaiser, Peter H, Davids; F.F Bruce and Manfred T. Branch*. (Fuula 613-616; 665-667)

▣ **"raajii"** Jechi kun hubatamuuf karaalee lamaan ilaalama. (1) Jechi kun barreeffama (xalayaa) warra Qoronxoositti ergame keessatti "Qooddachuu" (sharing) ykn "wangeela labsuu" kan jedhu ibsa. (cf. 14:1; Hoer 2:17). (2) Macaafni Hojii Ergamootaa immoo raajotas ta'ee raajummaa (cf. 12:17; 13:1; 15:32; 22:10, 21:9) kan "waan gara fuulduraa Tilmaamuu" jedhuun eereera.

Rakkinni Jecha kanaan walqabatee jirus "Raajummaan kennaa bara Kakuu Haaraa akkamitti Raajota bara Kakuu Moofaan wal qabataa?" kan jedhudha. Kakuu Moofaa keessatti, Ragoonni barreessoota caaffata qulqullaa'aa turan. Kakuu Haaraa keessatti immoo hundeen gocha kanaa ergamoota kudha lamaanii fi warra isaan gargaaraniif kenname. Akka jechi "Ergamoota" (Apostle) jedhu kennaa itti fufee jiruun fudhatama (cf. Efe 4:11) garuu, Du'a warra kudha lamaaniin booda hojiin kun ni jijjiirame, kanaaf jaarmiyaa raajotaa hunda keessattidha. Jabeessummaan kunis hafee kaka'umsi ykn caaffata qulqullaa'oo durii jajjabeessuunis hin hafe. (cf. Yih 3:20). Raajota Kakuu haaraa dalagaa jalqabaa kan ta'e waneela labsuudha, garuu hojiiwwan addaddaas ni qabu, haala danda'ameen. Akkamitti Kakuu Haaraa hojiirra oolchuun dhugaa isaa haalota fi barbaachisummaa yeroo ammaa keessatti godhanis ni hammata.

▣ **" 'DARGAGGOOTA…MAANGUDDOOTA' "** Hubadhu! Garaa gargummaan umrii as keessatti hin mul'atu.

**2:18 "WARRA NAAF HOJJETANIIFILLEE"** Hubadhu! Ilaalchi gadaantummaa gama hawaasummaa fi diinagdeen illee akka hin jirre ibsuusaati. Pheexiroosis jecha "Raajummaa" jedhu itti dabalee Raajii Yoo'el dubbate, kunis jecha masoo kan Ibrootaa ykn kan beektota torbaatama (soptuagint) Giriikis miti, garuu kan lakk 17 irratti hojiirra ooledha.

**2:19-20** Kunis Afaan/dubbii dhuma biyya lafaa, kan sababa Pheexiroos ibseen raawwatamuun isaa ifa ta'ee hanga ammaatti murtaa'inni isaa kunis tokkoon isaallee ta'ii uumamaan kan taane, kan yeroo Yesuus fannifamu dukkanni bu'uu danda'a malee jechuudha. Innis Afaan Sodomiin kan dubbatamu "dhufaatii uumaa fi Firdiin walqabatee ta'udha. Kakuu Moofaa keessatti dhufaatiin isaa 'Eebbisuuf ykn Firdiif' kan jedhudha. Uumamni hundinuu dhiyaachuu isaa kanaafis rom'aan eegaa jiru (cf. Isa 13:6 ff fi Amo 5:18-20)

Raajii Kakuu Moofaa keessatti garaagarummaan ifa ta'e Dhufaatii jalqabaa (Incarnation) fi Dhufaatii lammataa (parousia) gidduu hin jiru. Yihudoonni dhufaatii tokkichuma fi Firdii cimaa ykn Baraaramoo ta'uu qofa eegu.

**MATA- DUREE ADDAA: HOGBARRUU DHUMA BIYYAA LAFAA**

Mata duree addaa kun yaadan ani mul'ata irraa fudhadheedha.

Mul'anni gosa Hogbarruu Yihudootaa kan adda ta'ee "Dhuma biyya lafaa" ibsudha. Innis yeroo maraa dhiphina yeroo guutame, kan yaa'a Waaqayyo seenaa hundumaa to'atuu fi saba isaa immoo baraaru ibsudha. Gosti hogbarruu kun, kanneen armaan gadiin amalli isaa ibsame.

1. Miira cimaan olaantummaa Waaqayyo hunda irratti qabu (monotheism and determinism/tokkichummaa fi abbaa firdii)
2. Fincila gaarii fi hamaa, bara kanaa fi bara dhufuu jiru gidduu jiru (dualism)
3. Jechoota mallattoo hiccitiitti fayyadamuu (yeroo mara Kakuu Haarawaa fi Al wangeela Yihudootaa kan ta'e "apocalyptic Literature")
4. Halluu, lakkoofsa, bineensota, yeroo tokko tokkos namootatti fayyadamuu.
5. Gama Mul'ataa fi Abjuun Ergamoonni Waaqayyoo gidduu seenuun
6. Jalqabarratti bar/yericha dhumaarratti xiyyeeffata (new age).
7. Tuuta mallattoo dhaabbatootti fayyadamuu, kan dhugaan hin argamne, ergaa yericha dhumaa qunnamuuf.
8. Fakkeenyonni muraasni gosa Hogbarruu kanaas
   a. Kakuu Moofaa
      (1) Isaayyaas 24-27; 56-66
      (2) Hisqeel 37-48
      (3) Daani'el 7-12
      (4) Yoo'eel 2:28-3:21
      (5) Zakaariyaas 1-6; 12-14
   b. Kakuu Haarawaa
      (1) Mat 24, Mar 13, Luq 21, fi 1Qor 15 (Karaalee muraasaan).
      (2) 2Tasaloonqee 2 (Karaa hedduun)
      (3) Mul'ata (Boqonnaa 4-22)
   c. Safartuu/madaala Macaafa Qulqulluun ala (kanneen D.S Russell, The method and message of jewish Apocalyptic" Fedhu fuula 37-38 irraa fudhataman)
      (1) Henook tokkoffaa, Henook lammaffaa (Dhoksaawwan Henook)
      (2) Caaffata "Jubilees" jedhu
      (3) Kan "The Sibylline Oracles III, IV fi V jedhaman
      (4) Kakuuwwan, kudha lamaan "patriarchs" ta'an
      (5) Faaruuwwan Solomoon
      (6) Yaadawwan Muusee (the Assumption of Moses)
      (7) Waa'ee Diphinaan du'uu Isaayyaas (Mortrydom fo Isaiah).
      (8) Kan "Apocolpse" Abrahaam ta'e.
      (9) Kan "Apocolpse" Abrahaam ta'e
      (10) Kakuu Abrahaam
      (11) Isdiriyaas lammaffaa (IV Esdras)
      (12) Baaruk II, III

**2:20 "guyyaa Gooftaa isa guddaa fi dinqisiisaa"** Jechi "Dinqisiisaa" jedhu hidda "epiphaneia" jedhu kan yeroo mara dhufaatii Iyyaasuus isa lammaffaaf gargaaruun tokkodha (cf. 1Xim 6:14; 2Xim 4:1; Tit 2:13)

**MATA- DUREE ADDAA: DHUFAATII ISA LAMMAFFAA**

Gama hogbarruutiin jecha "*parodsia*" jedhu kan hiikaan isaa "jiraachuu/presence" jedhuu fi kan akka doow'annaa guddaatti fayyaduudha. Jechoonni biroon Kakuu Haarawaa keessatti waa'ee dhufaatii lammataaf tajaajilan. (1) '*epiphaneia*' "kallattiin mul'achuu" (2) '*apokawpis*; kan hin aguugamne/saaxilamaa (3) "Guyyaa gooftichaa" fi Gaaleewwan adda addaa hedduudha.

Kakuu Haarawaa Guutuummaa isaatiin kan barreeffame ilaalcha waliigala Kakuu Moofaa waliin kan yaadota armaan gadii ibsuunidha.

1. Afuura hamaa, kan barootaan mormu
2. Dhufaatii baroota haaraa sirrii ta'an
3. Gama Addunyaa Masihichaan, kunis bakka bu'ummaa Afuura qulqulluu fideera.

Yaadni Tiyooloojin babal'ina mul'ataa irratti qabu. Saba barreessitoonni Kakuu Moofaa haala itti Israa'eloonni eegan salphaan ibsaniif baay'ee barbaachisaa kan ta'edha. Dhufaatii Masihii bakka waraana, lammummaa irratti xiyyeeffachuun (Israa'eloonni) dhufaatii lamatu jira. Dhufaatii inni jalqabaa Waaqa ta'ee utuu jiruu akka namaatti foon uffatee gama yaadrimeefi dhaloota Yesuus nama Naazireetiin kan mul'atedha. Innis kan dhufe waraana kaaasuu ala, Firdii kennuun ala, "akka hojjetaa dhiphateetti" isa 53; Innis nama qajeelaa ilmoo haarree yaabbatee deeme. (Farda lolaa, ykn Gaangee motor osoo hin taane jechuudha). Zak 9:9. Dhufaaniin inni jalqabaa kun Masihumaa bara haaraa moosisee biyya nu taasisa. Miira biroon yoo ilaallu, mootummichi asuma garuu kana ta'us karaa biraan as irraa faguudha. Innis dhiphina (yaaddoo dhufaatii lamaan gidduu jirudha. (Masihichaa) kan baroonni Yihudootaa lamaan wal irra bu'uudhaa, kan hin mul'anne, yoo xiqqaatee kan ifa hin taane kan Kakuu Moofaarraa hubatamudha. Dhugaan isaa, lameen dhufaatii kanaa YHWH'n dhala namaa hunda baraaruu/qulqulleessuu isaa irratti kan xiyyeeffannoo qabudha. (cf. Uma 3:15; 12:3; Ba'u 9:5) fi lallabawwan raajotaa keessattuu, Isaayyaasii fi Yohaasni). Sababa raajiiwwan hedduun dhufaatii isa jalqabaa ibsaniif, waldooleen kiristaanaa, Raajiiwwan Kakuu Moofaa ni raawatu jedhanii hin eegani (cf. "*How to read Bible fo All its Worth" kan jedhu* fuula 165-166 dubbisi).

Kan amantoonni eegan, Mootii Moototaa, gooftaa gooftootaa inni ta'e seenaa bara haaraa raawwachuuf lammata ni dhufa kan jedhuudha. (Mat 6:10). Ibsi Kakuu Moofaa dogoggora kan qabu osoo hin taane hir'ina ykn guutuu kan hin taanedha. Akkuma Raajonni dursanii dubbatan innis humnaa fi Aangoo Waaqummaa (YHWH) isaan deebi'ee ni dhufa.

Dhufaatiin lammaa, jecha wangeelaa miti, garuu yaarimee ilaalcha waliigalaa fi lafee dugdaa kan Kakuu Haarawaaf ta'edha. Waaqayyo daandii hundumaa ni sirreessa. Hordoffiin Waaqayyoo fi dhala namootaa kanneen bifa isaatiin uumaman gidduu jirus kan haareffamudha. Afuurri hameenya firdii ni fudhatee ni ba'a ykn bakka ni dhaba. Kaayyoon Waaqayyoo, gara duraattis hin hafu! Hafuus hin danda'u! Karaattis hin hafu!

**2:21 "hundinuu"** (every one) Kunis firii waliigalaati kan inni asitti argisiisu (cf. lakk 17 fi 39). Iyyaasuus cubbamoota Addunyaa guutuuf du'e (cf. Yoh 3:16; 1Xim 2:4; 2Phex 3:9). Hubadhu! Afuurri qulquluunis dhala namaa hundaaf kenname (cf. lakk 17).

▣ **"KAN WAAMMAAN"** Kunis abboomina giddugala Hawwii (AORIST MIDDLE SUBJUNCIVE). Kan argisiisudha. Deebiin namootaa karoora fayyinaa Waaqayyo qabu keessaa tokkodha. (cf. Yo'el 2:32; Yoh 1:12; 3:16 fi Rom 10:9-13). Tokkoon tokkoon dhala namaa akka fayyuu/qalbii diddiirratee) fi akka wangeelatti amanuuf waamameera. Akkasumas gama Kiristoosiinis walitti dhufeenya namummaa Waaqayyoo wajjiin akka galus waamameera. (cf. 3:16, 19; 20:2; Mar 1:15). Iyyaasuus Addunyaa hundaaf du'e; dhoksaan jiru garuu maaliif namni dalaga Afuuraaf deebii hin kennine (cf. Yoh 6:44, 65). Kan jedhuu fi kaan immoo maaf kenne kan jedhudha (cf. 2Qor 4:4).

▣ **"MAQAA GOOFTICHAAN"** Kunis amala Yesuus kan ibsu ykn waa'ee barsiisa isaa kan ibsudha. Innis Firiiwwan dhuunfaa fi kan ittiin bulmaataa (doctrin) qaba.

**MATA- DUREE ADDAA: MAQAA GOOFTICHAA**

Gaalee Kakuu Haarawaa keessatti beekkamaa ta'ee jireenya dhuunfaa fi olaantummaa aangoo sadan tokkummaa Waaqayyoo waldaa kiristaanaa keessatti qabu kan ibsudha.

Gaaleen kunis Yesuusiin yeroo mara kan inni akka "Gooftaa" tti ibsu (cf. Fil 2:11)

1. Bakka cuuphamuun kan dhuunfaa godhatanii Yesuusitti amananitti (cf. Rom 10:9-13, Hoer 2:38; 8:12, 16; 10:48; 19:5, 22:16; 1Qor 1:13, 15; Yaq 2:7)
2. Bakka afuura hamaa baasutti (Maat 7:22; Maar 9:38; Luq 9:49, 10:17; Hoer 19:13)
3. Bakka fayyisutti (cf. Hoer 3:6, 16; 4:10; 9:34; Yaq 5:14)
4. Bakka hojii dubbii Waaqayyootti (Maat 10:42; 18:5; Luq 9:48)
5. Bakka waldaatti duuka buutonni jiruu (cf. Maat 18:15-20)
6. Yeroo warra dubbicha dhaga'an barsiisa (cf. Luq 24:47; Hoer 9:15; 15:17)
7. Kadhannaa keessatti (cf. Yoh 14:13-14; 15:2,16; 18:23; 1Qor 1:2)
8. Karaa ittiin kiristaanummaa ibsan (cf. Hoer 26:9; 1Qor 1:10; 2Xim 2:19; Yaq 2:7; 1Phex 4:14)

Kan kamiiyyuu taanaan nuti labsitoota hojjettoota dubbichaa, gargaartota, Afuura hamaa baastota fi kkfdha. Akka fakkeenya amala isaatti Aangoo isaatti fi kennaa isaatti maqaa isaan hojjenna.

▣ **"NI NIFAYYA"** Barreeffama kana keessatti akn inni ibsu "fayyina afuuraati" Yoo'eel keessatti yemmuu gadhiifamuu qaamaanbaraaramuu dheekkamsa Waaqayyoo jalaa sabichi qabu ibsu jechuudha. (cf. lakk 40). Jechi "Fayyina/saved jedhu Kakuu Moofaa keessatti Qamaan baraaramuu/ooluu ibsa. (cf. Maat 9;22; Maar 6:56; Yaq 5:14, 20). Kana ta'uyyuu, Kakuu Haaraa keessatti. Fayyina Afuuraa fi dheekkamsa Waaqayyoo jalaas ooluu bakka bu'uun tajaajila. (ex. Yaq 1:21; 2:14; 4:12). Onneen Waaqayyoo, fayyina saba hundaa warra akkaataa bifa isaan uumamaniif ni dhahata. Dhikkisa. Akka isa hordofaniif warra uumedhas.

**BARREEFAMA "NASB" (Fooyya'aa): 2:22-28**

**[22]"Isin yaa warra Israa'el dubbii kana dhaggeeffadhaa, Waaqayyo harka Yesuus nama Naazireet kanaan, hojii aangoo isaa, dinaiidhaa fi milikkita gara garaa kan isin beektan isin gidduutti hojjechuu isaatiin fudhatamaa isa godhe. [23]"Namni kun akka Waaqayyo dur murtoo godhetti, akka yaada isaattis dabarfamee kenname. Isin immoo harka warra Seera Waaqayyoo hin eegneetiin muka irratti fanniftanii isa ajjeeftan. [24]"Waaqayyo garuu hidhaa du'aatii hiikee. Inni harka du'aa jalati qabamee turuu waan hin dandeenyeef, du'aa isa kaase. [25]"Daawwit waa'ee isaatiif, "DAAWWIIT WAA'EE ISAATIIF, 'YEROO HUNDUMAA GOOFTICHA FUULA KOO DURATTAN ILAALA, AKKA ANI HIN SOCHOONEEFIS INNI GARA MIRGA KOO JIRA. [26]'KANAAF GARAAN KOO AMMADE. ARRABNI KOOS NI ILILCHA; FOON KOOS ABDU KEESSA NI BUUFATA. [27]LUBBUU KOO IDDOO WARRA DU'ANIITTI HIN DHIIFTU DHUUNFAA KEES TORTORAATTI DABARSITEE HIN KENNITU. 28KARAA GARA JIREENYAATTI GEESSUS NI BARSIIFTA. ANAA WAJJIIN JIRAACHUU KEETIIN GARAA KOO GAMACHUUDHAAN NI TUUTTA" NI JEDHA'.**

**2:22 "Namoota Israa'eel"** Warri achi turanii dhaga'aa turan warra jireenya Yesuus biyya lafaarratti torbee dhumaa sana keessatti ta'es beekanii arganis turani. Waa'ee Pheexiroos dubbatu kanas sirriidhumatti hubannoos ni qabu. Warri hubannoo Afuuraa qabanii wangeelaaf deebii kennani turan, lallaba isa jalqabaa irratti namoota kuma sadii turan (cf. lak 41).

▣ **"dhaggeeffadhaa"** Kunis si'aayina Abboomina ajajaati (AORIST ACTIVE IMPERATIVE). Qabatamaadhaan Ibsi Afuura qulqulluu kun yaada isaanii argate, Ergaan wangeelaas amma ni dhufe.

▣ **"Yesuus nama naazireet"** Kunis kallatumaan "Yesuus Naazireeticha" kan jedhuun paralaalii deema jedhamee yeroo hunda kan yaadamudha. Garuu, kun yeroo mara kan karaa kanaan kan bisu miti. Gaaleen kun Aankii (title) Masihummaa kan argisiisuu danda'u "Dameee isaati" (cf. Isa 4:2; 6:13; 11:1,10; 14:19; 53:2; Em 23:5; 33:15-16; Zak 3:8; 6:12-13). Jechi Ibroota "Dameee jedhu bakka bu'u "*Nezer*" kan jedhudha.

**MATA- DUREE ADDAA: YESUUS NAMA NAAZIREET**

Kakuu Haarawaa Iyyaasuus Isa kam akka ta'e ibsuuf jechoota Giriik gara garaa hedduutti fayyadama.

A. Jechoota Kakuu Harawaa
   1. Naazireet (Nazareth) – Magaalaa Galiilaa keessatti argamtudha (cf. Luq 1:26; 2:11,39,51; 4:16; Hoer 10:38) Magaali kunis, Maddoota daanga'an keessatti hin eeramne, garuu caaffata qulqullaa'oo boodaa barreeffaman keessatti ni argamu.

      Yesuus Naazireeticha ta'uun. Guuchisa kanaa miti (cf. Yoh 1:46). Mallattoon barreeffama Fannoo Yesuus irratti barreeffame kan bakka kana illee of keessatti ammatu. Mallattoo Yihudoonni tuffiif itti fayyadamanidha.
   2. Nazarēnos – Kun haala teessuma lafasaa kan ibsudha (Luq 4:34; 24:19).
   3. *Nazarōraios* – Kun magaalittii kan ibsu, Garuu, Jecha Ibrootaa Masihummaa (Massianic term) ibsu "Dameee" (Branch) (netzer) jedhu ibsudha. (cf.Isa 4:2; 11:1; 53:2; Er 23:5; 33:15; Zak 3:8; 6:12). Luqaasis Yesuusiif jecha kanatti 18:37 fi Hoer 2:22; 3:6; 7:10; 6:14; 22:8; 24:5; 26:9 irratti fayydameeera.

B. Kakuu Haarawaa ala ittifayyadama Seenaan:
   1. Hidda dhaloota Yihudootaa ibsa (kiristaanoota durii).
   2. Marsaa Yihudootaa kan warra Yesuusitti amanaiif tajaajilu.
   3. Waldootee siiriyaatti jecha Amantoota ibsuuf yeroo hunda itti gargaaramanida.
   4. "Christian" (kiristaanota) kan jedhu, waldootee Giriik keessatti amantoota ibsuuf tajaajila.
   5. Kufaatii Yerusaalem booda Faarisoonni deebi'anii ijaaramuun, Jaminiyaatti, Adda ba'insa sirnaawwaa mana sagada warra hurrii ba'anii (synagogue) fi waldaa kiristaanaa gidduutti kakaasan. Barumsa kiristaanummaan mormuuf fakkeenya kan ta'u kan "the Eighteen Benediction" jedhu kan "*Berakoth* 28b-29a" jedhu irraa fudhatamee, Amantootas akka "Nazarones"tti kan waamudha.

      Yeroo ammaa kana "Nazarenes" (naazireetota) fi faallaan amantii dhabamuu danda'u. Isaanis Galmee jireenyaa irra haqamuu ni danda'u. Akkasumas amanamummaan hin barreeffaman.

C. Yaada Barreessitootaa

   Qubee isaa sirriitti barreessuu isaaniif ajaan ibsiifadha. Ta'uyyuu, kun Kakuu Moofaa keessatti kan hin dhaga'amneedha, "Akka Iyaasuu" barreeffama qubee garaa garaa qaba. Ibirootaan. Hanga ammaatti sababii (1) jecha Masihummaa "Branch" jedhutti sadhata diyeenyaa waan qabuuf; (2) waraabbii faallaan waan walmakeef; (3) xiqqoo ykn yeroodhumaaf illee, magaalaa Naazireet Galiilaatti argamtu kanaaf ibsi dhabamuusaa akka ani hin amanne akka hiika tilmaamameef kanatti jechuudha, na godhe; (4) miira "eschatology'tiin kan afaan mormitootaarraa dhufe ta'uu isaati (ie. Nuballeessuuf dhuftee?/Have you come to destroy us?).

Ibsa bal'aaf Qorannoo waa'ee Garee jechootaa kan "scholarship"n colin Brown (ed.) *New Internationa Dictionary of New Testament Theology* vol. 2 jedhu fuula 346 dubbisi.

▣ **"nama sin gidduutti Waaqayyoon fudhatama argate"** Alsi'aayina sirrii (PERFECT PASSIVE PARTICIPLE)dha. Jechi kunis "Ragaan argisiisuu" (shown by demonstration) jechuudha. Waaqayyos Ifaan ifatti irra deddeebi'ees karaa Yesuusiin akka waliigalaa fi haala jireenya isaan of ibseera. Warri Yerusaalemitti dhaga'an kunis, arganiis dhaga'aniiru!

▣ **"hojii aangoo, dinqiidhaa fi milikkitoota isaan"** Warri dubbii kana dhaga'an, waan Iyyaasuus Yeruusaalemitti guyyaadhumaatti hojjete hunda kana arganiiru.

Jechi "Dinqii" jedhu (*teras*) kan samii keessatti raawwtu mallattoo yeroo mara hin taane jechuudha. (lakk 19-20). Jechi "mallattoo" jedhu immoo (*sēmeion*) gocha addaa tokko ibsuun kan hiika ykn barbaachisummaa waan tokkoo mirkaneessuudha. Kunis wangeela Yohaannis keessatti, jecha Furtuu ta'edha (Mallattoolee addaa torban cf. 2:1-11; 4:46-54; 5:1-18; 6:1-15; 16:21; 9:1-41; 11:1-57). Ifa "poosatiivi" ta'een, mallattooleen yeroo hunda

hinilaalamani. (cf. Yoh 2:18; 4:48; 6:21). Asitti akka ibsa/agarsiisa aboo cimaatti kan bara haaraa afuurri qulqulluun eegalu ibsuun tajaajila.

Kan hawwachiisaa ta'e, Pheexiros, lallaba isaa kan jalqabaa irratti yeroo dheeraa hin gubne (yoo xiqqaate cuunfaa Hoe 2ti). Kunis waa'ee jireenyaa fi barsiisa Yesuus duraa irratti jechuudha. Guuchisa ykn Raawwatamuu Raajii Kakuu Moofaa kan ta'e wareegama du'aasaa kan dursee murtaa'efi. Gaarumaa du'aa ka'uunisaa qabxii guddaadha.

**2:23 "Namni kun"** Kunis jechama tuffii ibsudha. (cf. 5:28; 6:13; Luq 23:14; Yoh 9:16; 18:19) garuu Hojii ergamootaa 23:9 fi 20:31-32 irratti jechama nagaatiivii miti.

▣

**NASB "karoora dursee murtaa'e"**
**NKJV "gorsa/qajeelfama dura murtaa'e"**
**NRSV "karoora daanga'aa"**
**TEV "karoora Waaqayyoo"**
**NJV "yaada itti yaadameee ta'e"**

Kunis jecha "*horizō*" jedhu kan Alsi'aayina sirrii ammee (PERFECT PASSIVE PARTICIPLE) kan ta'edha. Handhuurri hiikaa isaas. "murteessuu" beellamuu ykn maxxansuu kan jedhudha. Kakuu Moofaa keessatti akka daangaa lafaatti ykn fedhitti tajaajila. Luqaasis yeroo mara itti fayyadama (cf. Luq 22:23; Hoer 2:23; 10:42; 11:29; 17:26,31). Fannoon Waaqayyoof kan dinqisiisaa ta'e miti, garuu Adeemsa/toftaa filannoo isaatu yeroo mara dinqisiisaadha. (ie. Sirna wareegamuu lew 1-7). Qulqulleessuuf diddaa (mormii namootaa hanbisee jechuudha.

Du'aatiin Yesuus balaafama hin turre. Innis Fedha Waaqayyoo ture. (cf. Luq 22:22; Hoer 3:18; 4:28; 13:29; 26:22-23). Yesuus du'uuf dhufe (cf. Maar 10:45).

▣ **"yaada Waaqayyo"** kunis jecha 'pirognosis' (durumaanuu beekuu) kan adda natti qofa fi 1Phex 1:2 irratti tajaajiledha. Yaadni Waaqayyoo kunis, kan seenaa dhala namaa hunda beeku, Fedha namootaa bilisa ta'e hubachuuf nuuf baay'ee ulfaataadha. Waaqayyo jiraataa, kan afuuraan jiraatu kan taatee yerootiitiin hin daangeeffamnedha. Ta'uyyuu, kan seenaa to'atuufi bifa seenaas qabu. Namoonnis kaka'umsaa fi gocha isaaniif deebii kennuufii kan qabanidha. 'yaada' kan jedhu jaalalaa fi filannoo Waaqayyoo diiguu hin danda'u. yoo kuni ta'e, kana booda Humna namootaa gara duraa fi faayidaa isaanii irratti haalawaa ta'uu danda'a. Waaqayyo abbaa aangoo fi hordoftoonni Kakuu isaas bilisummaan akka isa wajjiin walii galan ni filata. (cf. Rom 8:29; 1Phex 1:20).

Qo'annoo Tiyoolojii keessa wantoota gurguddoo ta'an lamatu jiru (1) Bilisummaa/gadhiisii fageenyarratti dhiibamu, Namoonni baay'eenis, Waaqayyo, filannoo fi dalagaawwan dhala namaa kan gara fuudluraa hin beeku jedhu. (Open Theism, kan gocha falaasama Adeemsa yaadaa ta'e) fi (2) Walabummaa fagootti daangeeffamu, kan Waaqayyo Namoota Muraasa jeennata keessatti filatee kanneen biro immoo sii'olitti filate kan jedhudha. (supralapsarianism, Double aged Calvinism). 1Phex Far 139!

▣ **"isin"** Pheexiroos balleessaa fi jaltuu kaasuu warri Yerusaalemitti dhaga'an kun du'aatii Yesuus irratti qaban ibseera (cf. 3:13-15; 4:10; 5:30; 10:39; 13:27, 28). Isaanis gurumuu warra fannifamuu isaaf waamaman kana keessa hin turre. Isaan Miseensota "saahedrin" warra isa dhiphisan kana hin turre. Hojjettootaafi loltoota warra Roomaas hin ture.

Garuu isaan warra akkuma keenya fudhatanii deebii itti kennanidha. Cubbuun namaa fi mormiin namaa akka inni du'u taasise!

▣ **"mukarratti fanniftan"** Gama Hogbarruutiin jecha "Hidhuu" (fastening) (*apospēgnumi*) jedhudha. Kakuu Haaraa keessattis bakka kanatti qofa tajaajila. Innis Fannisuu fi fannoorratti hidhuu lamaan argisiisa. 5:30 irrattis jechuma/adeemsuma tokkichatu akka "mukarratti rarraasuu" jedhuun tajaajilutu jira. Geggeessitoonni Yihudaa, yesuus yakka Arrabsoon himatamee akka inni akka Isxifaanos dhagaan rukutamee du'u hin feena (cf. Hoer 7), garuu akka inni fannifamu fedhan (Lowu fi Nida akka jedhanitti Gochi ulfaataan kun "*stauroō*'/Fannifamuu kan jedhuun wal madaala). (Fuula 237 [yaadannoo hundee ta'eef 93). Kunis yaa'a keessa Deebii 21:23 irraan wal

qabata, ka'umsa isaatiin, yaa'insi kun ajjeeffamuu fi Awaalcha dhabuu namootaan kan walqabatu, garuu, bara Yesuus dureen barsiisa Yihudootaa fannifamuu wajjin walitti hidhee ture. Yesuusis yaada Kakuu Moofaa kanatti balbala bane Seera Amantoota hundaaf ibse. (cf. Gal 3:13; Qol 2:14).

▣ **"warra seera Waaqayyoo hin eegne"** Gama hogabarruu kan "Seera ala nama ta'u" fi Roomaanota kan ibsudha.

**2:24 "Waaqayyo isa kaase"** Sadan tokkummaan hundi du'aa ka'uu Iyyaasuus irratti akka hirmaatan (gargaaraa Kakuu Haaraan ibseera. (1) Afuura Qulqulluu (cf. Rom 8:11) (2) Ilma (cf. Yoh 2:19-22); 10:17-18) fi (3) kan yeroo mara deddeebi'ee mul'atu Abbaa (cf. Hoel 2:24,32; 3:15, 26; 4:10; 5:30; 10:40; 13:30, 33, 34, 37, 17:31, Rom 6:4,9). Dalagaan abbaa, jireenya, du'aa fi barsiisa Yesuus cimsuun fudhatama kennuudha. Kunis lallaba Ergamoota duriif kallattii guddaa kan turedha. Mata duree addaa ilaali "The Kerygma" kan 2:14 irra jiru.

▣ **"hidhaa du'aatii hike"** jechii kun kan inni itti hiikamuu danda'u (1) gama hogbarruutiin, dhaloota dhibee (classical Greek, cf. Rom 8:2) (2) jecha kiyyoo ykn furgaasaa jedhu. Faar 18:4-5 fi 116:3; kunis kan Kakuu Mooofaatiif Firdii bakka bu'udha. (cf. Isa 13:6-8; Erm 4:31).

▣ **"inni harka du'aa jalatti qabamee turuu waan hin dandeenyeef"** Yoh 20:9 du'aa ka'uu Yesuus kana Raajii Kakuu Moofaa wajjiin walqabchiisa (cf. lakk 25-28).

**2:25 "Daawit waa'ee isaaf kan jedhe"** Kun Faarfannaa 16:8-11 irraa kan fudhatamedha. Pheexiroosis Far 16 kan Masihummaa (cf. Phaawuloos kan 13:36 irratti kaa'e) ibsuun, fii Innis Yesuus kan ilaallatu ta'uusaa ibseera. Du'aa ka'uun kunis Abdii Faarfattootaa fi Abdii Kakuu Haaraati.

▣ **"abdii"** Jechi kun wangeelota keessatti hin tajaajille, garuu Hojii Ergamootaa keessatti tajaajilee kan amantii amantootaa kan isaan gaa fuulduraatti abdatan kakuu fuulduraa kan ibsudha. (23:6; 24:16; 26:6,7; 28:20). Innis yeroo mara kan barreeffamoota Phaawuloos keessatti tajaajiledha; garuu Miira adda addaan karoora Waaqayyo jireenya qulqulleessuu irratti qabuun walqabatee ibsama.

**MATA- DUREE ADDAA: ABDII**

Phaawuloos jecha kanatti karaalee gara garaa hedduun ittifayyadama; garuu miiraan walqabsiiseetudha. Innis yeroo baay'ee karoora Amantii amantootaan waqabata. (cf. 1Xim 1:1). Kunis akka "gaarummaatti" "jireenya bara baraa", "fayyina guutuu" Dhufaatii isa lammataa, ibsamuu danda'a. haalli itti fayyadamaa (consumtion) kunis kan amanamaa ta'edha, garuu Firiin isaa gara duraatti fi kan hin beekkamnedha.

1. Dhufaatii isa isa Lammaffaa (cf. Gal 5:5; Efe 1:18, 4:4; Tit 2:13)
2. Yesuus abdii keenya (cf. 1Xim 1:1)
3. Amantoonni Waaqayyoof jiraachuu qabu (cf. Qol 1:22-23; 1Tas 2:19)
4. Abdiin simii isa olaanurra jira (cf. Qol 1:5)
5. Wangeelatti abdii godhadhu (Qol. 1:23; 1Tas. 2:19)
6. Fayyina guutuu (cf. Tas 4:13)
7. Ulfina Waaqayyoo (cf. Rom 5:2; 2Qor 3:7-12; Qol 1:27)
8. Fayyina Ormootaa Yesuusiin fayyuu isaanii (cf. Qol 1:27)
9. Dhugummaa fayyinaa (cf. 1Tas 5:8-9)
10. Jireenya bara baraa (cf. Tit 1:2; 3:7)
11. Bu'aa guddina kiristiyaanummaa (Rom. 5:2-5)
12. Qulqullaa'ummaa uumama maraa (Rom 8;20-22)
13. Haala ittifayyadama/eergicha bakka bu'insaa (cf. Rom 8:23-25)
14. Mata duree Waaqayyoof kenname (cf. Rom 15:13)
15. Haawwii Phaawuloos amantootaaf (2Qor. 1:7)
16. Kakuu Haarawaatiin qabu (cf. Rom 15:4)

**2:27 "IDDOO WARRA DU'ANII"** Kun jecha Giriik kan bakka warri du'an 9reeffi) itti kaa'amu ibsudha. Kunis jecha Ibrootaa kan Kakuu Moofaa keessatti "sheol" jedhuun wal madaala. Kakuu Moofaa keessatti 'jireenyaan booda' kan jedhu, akka waan Maatii ofii waliin jiraataniiti kan yaadamu ibsa, garuu, gammachuu fi tokkummaan jiraachuun hin turre. Mul'a Kakuu Haaraa keessatti yeroodhaa gara yerootti jiru qofatu ifa taasisee caalaan hiika itti kenne. (ie. Jeennata (Tsiyoonii fi Sii'ol).

**MATA DUREE ADDAA: DU'AAN EESSA JIRA?**

I. Kakuu Moofaa
   A. Namoonni hundinuu gara sii'ol (sheol) dhaqu (duubeen qo'annoo jechichaa kan amanamu miti) kunis kan daandii gara du'aa ykn Awwaala ibsudha. Irra caalattuu, Hogbarruuwwan ogummaa fi Isaayaastu kana ibsa. Kakuu Moofaa keessatti. Gaaddidduu, yaada ture, garuu jireenya gammachuu hin qabne ture (cf. Iyo 10:21-22; 38:17; Far 107:10,14)
   B. "sheol" kan inni ibsamu
      1. Firdii Waaqayyoon wal qabateetu (ibidda) Kees 32:22)
      2. Guyyaa firdii durallee Adabbiin walqabateetu (Far 18:4-5)
      3. *Diigumsaan* walqabatee, garuu Waaqayyoo banaa kan ta'e (Iyo 26:6; Far 139:8; Amo 9:2)
      4. Awwaala (Pit/grave) walqabatee (Far 16:10; isa 14:15; His 31:15-17)
      5. Hidda Jallootaa gara jireenya "*sheol*" dhaqan (S. Lakk 16:30,33; Far 55:15)
      6. Kan adda ba'ee yeroo mara Bineensa Afaan Bal'aatu itti ilaalamu (S. Lakk 16:30; Isa 5:14; 14:9; Ibir 2:5)
      7. Sabni achi jiraatus "*Shades*" jedhamee waamama (Isa 14:9-11)
II. Kakuu Haarawaa
   A. Kan Ibrootaan "*sheol*" jedhu kun Giriikotaan "*Hades*" lafa dukkanaa'aa (Addunyaa/ bakka hin mul'anne) jedhamee hiikameera.
   *B. "Hades" kan inni ibsamuu danda'u*
      1. Du'aan walqabateetu Mat 16:18
      2. Du'atti hidhameetu Mul 1:18; 6:18; 20:13-14
      3. Yeroo mara haltina bakka adaba bara baraati (*Gehenna*) Matt 11:23 ) waraabbii Kakuu Moofaati); Luq 10:15; 16:23-24)
      4. Yeroo mara Haltina Awwaalchaati, Luq 16:23
   C. Haala danda'ameen kan qoodamee (Barsiisota)
      1. Qaama sirrii ta'e "paradise"/jennata (kan sirriidhumaan Bantii Waaqaa (heaven)f moggaafame). (cf. 2Qor 12:4; Mul 2:7). Luq 23:43)
      2. Qaama saragee/badaa "*Tarturus*" jedhamu 1Phex 2:4; Innis bakka ergamoota macca afuura hammeenyaaf kaa'ame (Uma 6:1 Henok)
   *D. "Gehenna"*
      1. Innis Gaalee Kakuu Moofaa "The Valley of the sons of Hinnom" kan jedhu calaqqisiisuuf tajaajiludha. Innis bakka Waaqni tolfamaan Ibidda gubaa warra Fooneshaantotaa "Molek" itti waaqeeffatamaa ture, kan inni waaqeffatamus Daa'imman qalanii Aarsaa gochuun ture (cf. 2Mot 16:3; 21:6; 2Sen 28:3; 33:6).
      2. Akka ilaalcha YHWHtti Ermiyaas bakka kana, lafa waaqeffannaa saba Waaqayyoo hin taanee kana gara teessoo Firdii YHWHtti jijjiireera (Erm 7:32; 19:6-7). Innis lafa ibidda, lafa Firdii bara baraa ta'uun isaa Henook 1ffaa 90:26-27 fi Sib 1:103 irratti ibsameera.
      3. Yihudoonni bara Yesuus, kadhata/waaqeffannaa Abbootiin isaanii daa'imman Aarsaa Gochuun, seera Waaqayyoon ala adeemsisaa turan kanaan rifatanii, lafa kanas gara lafa kosiin itti gatamuu Yerusaalemiif godhan. Firdii bara baraa kan dhufuuf Namoonni hedduun yesuusiin bakka bu'aniifu raawwii lafa kanaaf, (Ibidda, aara, Raammo. Luq 9:44,46) (Yaaqoob 3:6 kan jiruun alatti jechudha).

4. Haala Yesuus "*Gehenna*"tti fayyadamee
    a. Ibidda, Maat 5:22; 18:19; Mar 9:43
    b. Dhaabbataa, Maar. 9;48; Maat 25:46)
    c. Lafa badii (lubbuu fi Fooniin) Maat 10:28
    d. "*She'ol*" jecha jedhuun tokko Maat 5:29-30; 18:9
    e. Ilmaan hammeenyaa (son of hell) jechuun Maat 23:15)
    f. Bu'aa hima Firdiiti Maat 23:33; Luq 12:5
    g. Yaadni "*Gehenna*" jedhu 'du'a lammataa' ibsa (cf. Mul 2:11; 20:6,14) ykn Galaana ibiddaati (cf. Maat 13:43,50; Mul 19:20; 20:10,14; 21:8) Galaanni Ibiddaa kunis bakka namoonni dhaabbataan jiraatan ta'uu kan danda'u (*she'ol* irraa) fi ergamoonni hammeenyaas kan keessa jiraatani ('*Tartarus*' irraa, 2Phex. 2:4; Yih 6, cf. Luq 8:31; Mul 9:1-10; 20:1-3)
    h. Innis kan namaaf akeekame osoo hin taane kan seexanaa fi Ergamoota isaaf qophaa'edha. Maat 25:41
E. Sababa '*She'ol*" *Hadas* fi "*Gehenna*" wal jiraniif, kan ta'uu danda'u
    1. Jalqabatti dhalli namaa hundi gara *she'ol/hades* dhaqa
    2. Muuxannoon isaan achitti argatanis (gaarii fi gadhee) guyyaa firdiin booda achii fudhatanii ba'u, garuu bakki ilmaan badiinsaa achuma ta'a (kunis kan KJV'n *hades*/Awwade '*Gehena*'n hiikeefidha).
    3. Qorumsa guyyaa firdiin duraa kana kan Luq 16:19-31 jiru kan ibse barreeffama Kakuu Haarawaa qofa (Lazarus fi Rich Man) "*she'ol*" "Lafa adabbii" kan jedhuun ibsamuu ni danda'a (cf. Kees 32:22; Far 18:1-5). Ta'uuyyuu, Namni tokkoyuu akka ittiin bulmaataatti hin fudhatu.

III. Yaadolee du'aa fi du'aa ka'uu Gidduu jiran
A. Kakuu Haarawaa "Alsafuu waa'ee lubbuu" hin barsiisu kunis kanilaalchawwan duii keessaa kan jireenyaan boodaaf jiru keessaa tokko ta'edha.
    1. Lubbuun namootaa erga qaamni foonii du'ee ni jiraatti
    2. Du'a foonii duraa fi booda, lubbuun barumaa jiraatti
    3. Qaamni mul'ataan yeroo maraa akka 'mana' hidhaa fi du'aatti, akka waan jireenyatti deebi'ee gadhiifamuutti ilaalama
B. Kakuu Haarawaan qaama du'aa ittiin ka'an kan du'aa fi du'aa ka'uu gidduu jiruuf qajeelfama ni kenna.
    1. Akka lubbuu fi foon jiruuf qajeelfama ni kenna.
    2. Abrahaam amma Qaama qabaachuu danda'a Maar 12:26-27; Luq 16:23
    3. Muusee fi Eliyaas fooniin mul'ataniiru Maat 17
    4. Lubbuun dhufaatii Yesuus isa lammaffaa wajjiin qaama haaraa akka argattu Phaawuloos ibseera 2Tas 4:13-18
    5. Guyyaa du'aa ka'uutti amantoonni akka Qaama Afuuraa haaraa argatan Phaawuloos ibseera 1Qor 15:23,52)
    6. Amantoonni akka isaan gara "Hades" ibidda gaannab hin dhaqne Phaawuloos ibseera, garuu Yesuuss wajjiin baka du'anitti 2Qor 5:6,8, Fil 1:23; Yesuus aboo du'aa cabsee akka isa wajjiin gara jennataa dhaqanis godheera 1Phex 3:18-22

IV. "Jeennata/Heaven"
A. Wangeela keessatti jechi kun miira sadii keessatti tajaajila
    1. Qilleensa Naannoo lafaa Uma 1:1,8; Isa 47:5; 45:18
    2. Samii isa lammaffaa (bakka urjoota) Uma 1:14; Kees 10:14; Far 148:4; Ibir 4:14; 7:26
    3. Bakka Teessoo Waaqayyoo, Kees 10:14; 1Mot 8;24; Far 148:4; Efe 4:10; Ibr 9:24 ("Samii isa sadaffaa" 2Qor 12:2)
B. Wangeellii, waa'ee jireenyaan boodaa kana balinaan hin ibsu. Sababni isaas namni kufaan kun

dandeettii karaa ittiin hubatu waan hin qabneef ta'uu danda'a. (cf. 1Qor 2:9)

C. Jeennanni (Heaven) bakka (cf. Yoh 14:2-3) fi Nama (cf. 2Qor 5:6,8) lachanuu ta'uu kan danda'udha. "Heaven" kan jedhu kan "jeennata Eden" kan haaromsame ta'uu danda'a (Uma 1-2; Mul 21-22). Dacheen kun qulquloofee deebitee suphamuuf jirti (cf. Hoer 3:21; Rom 8:21; 2Phex 3:10). Fakkeenyi Waaqayyoo karaa Kiristoos deebi'aniini haareffamu (Uma 1:26-27). Walitti dhufeenyi tokkummaa "jeennata Eden" ammas ta'uu danda'a.

D. Yoo ta'eeyyuu, kun bakka bu'insaan (heaven as a huge, cubed city of Rev 21:9-27) malee dhugaan miti. Worontoos inni duraa boqonnaa 15 akka ibsutti garaagarummaa Qaamaa mul'ataa fi qaama afuuraa akka Eja Muka bilchaataatti ilaala. Ammas 1Qor 2:9 (kan Isa 64:4 fi 65:17 irraa fudhatame) irra kan jiru, waadaa guddaa fi Abdii guddaadha! Yeroo isa arginetti nutis akka isaa ni taana (cf. 1Yoh 3:2).

V. Maddoota si gargaaran

A. William Hendriksen, *The Bible on the life Hereafter*

B. Maurice Raw Lings, Beyord *Death's Door*

▣ **"dhunfaa kee tortoraatti dabasitee hin kennitu"** Kunis Masihummaa argisiisuun kan du'a wajjiin wal qabatee garuu waadaan galame akka hin loogamne, muudama nama tokkoo fi Qulqullummaan nama tokkoo akka hin loogamne ibsa (cf. Far 49:16; fi 86:13)

**2:28 "nawajjiin jiraachuu keetiin garaa koo gammachuun ni guutte"** Kunis Gaalee Namni tokko Waaqayyo wajjiin Muuxannoo gammachuu qabaachuusaa ibsu, karaa du'a Masihichaan Jeennata keessatti argatu ibsa. (lakk 22-28). (Isa 3:10-13) Tokkummaan nama dhuunfaaf ilaalchis sirriin kun kan inni Waaqayyo wajjiin jireenyaan booda qabu ibsu Iyoob 14:14-15; 19:25-27tti galmaa'eera.

**BARREEFFAMA "NASB" (FOOYYA'AA): 2:29-36**

**[29]"Yaa obboloota koo waa'ee Daawwit Abaabilii keenyaa mul'inatti isinitti himuu nan jaaladha. Inni du'eera awwaalameeras. Awwaalli isaas hamma haraattiyyuu nu bira jira. [30]Inni raajii ture WAAQAYYO SANYII ISAA KEESSAA TOKKO TEESSOO MOOTUMMAA ISAA IRRA AKKA TEESSISUUF KAKUUDHAAN AKKA ISA ABDACHIISE NI BEEKE. [31]Kanaaf duraan dursee argee, waa'ee du'aa ka'uu Kiristoosiif INNI IDDOO WARRA BU'ANITTI HIN DHIIFAMNE; foon ISAAS TORTORAATTI HIN KENNAMNE. [32]"Yesuus kana, Waaqayyoo du'aa kaaseera nus hundumti keenyaa isa kanaaf dhuga-baatuudha. [33]"Innigaa mirga Waaqayyo abaatti, olfudhatamee, hafuura qulqulluu isa abdachiifamee tue aaa biraa fuudhe erge kan isin amma argitanii fi dhageessan kun isa. [34]"Daawwit ofii isaa gaa Waaqayyooti ol hin bane haa ta'uyyuu malee 'GOOFTICHI GOOFTAA KOOTIIN, GARA MIRGA KOO TAA'I, [35]DIINOOTA KEE EJJEA MIILA KEE HAMMAN SIIF ODHUTTI."' jedhee dubbateera. 36"Egaa Waaqayyo, Yesuus isa isin muka irratti fanniftan kan gooftaadhaa fi Masihii akka godhe Israa'eloonni hundinuu utuu hin mamiin haa beekan" jedhe.**

**2:29-31** Ibsa (xiinxala) Pheexiroos Faarfannaa Daawwit irratti kenne kana hordofuuf dubbistoota wara dhihaaf salphaakanta'uu miti kunis sababa Pheexiroos basiisa duraa duuba darbinsaa (hermeneutical procedures)tti fayyadameeef ta'a. (Macaafa Ibirootaafis kun dhugaa ta'a). Pheexiroos mormii kana kan inni dhaga'e mana saada warra hurrii ba'an (synagogue) keessatti dhufaatii Masiihiifi amma immoo Yesuus nama Naazireet ta'uu isaa beekuu irratti.

**2:29** Pheexiroos Faarfannaa 16 agarsiiseera, Haa ta'uu malee gama muraasaan Daawit ibsa (keessattuu 16:106), Guutumatti Daawwit in ibsu.

**2:30 "inni Raajii ture"** Yihudoonni Waaqayyo akka kaaa raajotaa dubbatu ni amanu. Museenis Raajii jedhamee ture (cf. Kees 18:18) Macaafa Kakuu Moofaa kan ta'e Iyyaasuun, Aboota Firdii, 1ffaa fi 2[ffaa] Saamu'eel, fi 1[ffaa] fi

2ffaa Moototaa madaallii Yihudootaa keessatti beekkamoodha akka "Raajoota Duriitti". Du'a Raajicha dhumaa kan ture Miilkiyaas booda dureen barsiisa Yihudootaa, mul'ata akka dhaabatetti ykn dhorkametti fudhate. Kunis jecha miira Yihudootaa (ie. Barreessitoota caaffata qulqullaa'ee) kan Daawiit. Akka Raajitti ilaalduha. Kakuu Moofaa keessati, duraan dursee Waaqayyo Muuseetti of mul'isee (cf. Uma 49). Masihichi Qomoo Yihudootaa keessaa akka dhufusaa ibseera. 2Sam 7 keessattis, Hidda dhaloota Daawit keessaa akka ta'e Waaqayyo ibseera. Faar 110 irrattis Waaqayyo caalmaan, Luba hidda Malketsaadiq akka ta'es ibseera (cf. lakk 34-35)

▣ **"WAAQAYYOO SANYII ISAA KEESSAA TOKKO TEESSOO MOOTUMMAA ISAA IRRA AKKA TEESSISUUF KAKUUDHAAN ISA ABDACHIISE"** Kunis yaada cuunfaa ibsa 2Sam 7:11-16; Far 89:3-4 ykn 132:11 kan ta'uu danda'udha. Kunis kaayyoo ykn Fidamsi Waaqayyo durumaan qabu raawwatamuu is agama Iyaasuus nama Naazireetiin ibsa. Du'uun isaa fi Du'aa ka'uun isaa karooa hin ture B, garuu murtoo Waaqayyo dursee murteesse, dhaloota/uumama durii qulqulleessuuf godheedha (cf. Efe 2:11-3:13).

**2:31 "Kiristoos"** Kun hiikaa Giriikotaa kan "Masihii" jedhu ykn gama hogbarruun "Isa dibame" kan jedhudha. Yesuus Ilma Daawit, Mootii Israa'eel kan jedhu qofaaf hin ture, garuu, Ilma Waaqayyoo, Isa teessoo isa samiirraa gubaa taa'uufidha (cf. Far 110).

▣ **"INNI IDDOO WARRA DU'ANITTI HIN DHIIFAMNE, foon ISAAS TORTORAATTI HINKENNAMNE"** Barreeffame "NASB" 1995 (Fooyya'aa) keessatti akka waraabbii Kakuu Moofaatti hin tuqamne. Innis dhugaadhumaan Far 16 ibsa.

**2:32-3 "Yesuus…Waaqayyo…Afuura Qulqulluu"** Kun ta'uyyuu wangeelli sadan tokkummaa (trinity) gonkumaa itti hin fayyadamne, yaadni sadummaa Waaqayyoo haala itti aanuun yaadamaa ture. (1) Waaqummaa Yesuus fi (2) Afuura qululluu dhuunfaan. Wangeellis barreeffama ykn ibsa tokko keessati yaada namoota sadii sadummaa ibsan bakka tokkotti ibseera/eereea. (cf. Hoer 2:32-33; Mat 28:19; 1Qor 12:4-6; 2Qor 1:21-2; 13:14; Efe 4:1-6; fi 1Phex 1:2)

**MATA DUREE ADDAA: SADAN TOKKUMMAA**

Kanti hubatamuu qabu gochaawwan namoota sadan "sadan tokkummaa" (trinity) ti. Jechi "sadummaa (trinity) jedhu jalqaa kaninni wixineeffame "Tertullian" niin yo ta'u jecha wangelaa hin ture garuu yadriimen isaa bakka hundatti beekkamaadha.

1. Wangeela keessatti
   a. Maatiwoos 3:16-17; 28:19 (fi kan kana fakkaatan)
   b. Yohaannis 14:26
2. Hojii Ergamootaa Hoer 2:32-33, 38-39
3. Phaawuloos
   a. Rom 1:4-5; 5:1,5; 8:1-4, 8:10
   b. 1Qor 2:8-10; 12:4-6
   c. 2Qor 1:21; 13:14
   d. Gal 4:4-6
   e. Efe 1:3-14, 17l 2:18; 3:14-17; 4:4-6
   f. 1Tas 1:2-5
   g. 2Tas 2:13
   h. Tit 3:4-6
4. Pheexiroos – 1Pheexiroos 1:2
5. Yihudaa – lakk 20-21

Innis Kakuu Moofaa keessati kan wixinaa'e

1. Agarsiiftuu baay'inaan Waaqayyo waamuu
   a. Maqaan "*Elohim*" baay'eedha, garuu akka gochima baaqqeetti Waaqayyoof gargaare.

b. “Nuyi” (us) uumama 1:26-27; 3:22; 11:7 irra jiru
c. “Tokko” (one) kan keessa deebii 6:4 irratti “*shema*”f baay’inaan tajaajile. (Uma 2:24, His 37:17)
2. Ergamaa Gooftichaa akka Waaqayyootti mul’ataa
a. Uumama 6:7-13; 22:11-15; 31:11,13; 48:15-16
b. Ba’u 3:3,4; 13:21; 14:19
c. Abo 2:1; 6:22-23; 13:3-22
d. Zak 3:1-2
3. Waaqayyo fi Afuurri Qulqulluun adda adda (Uma 1:1-2, Far 104:30; Isa 63:9-11; His 37:13-14
4. Waaqayyo (YHWH) fi Masihin adda adda Faf 45:6-7; 110:1, Zak 2:8-11; 10:9-12
5. Masihi fi Afuurri Qulqulluun adda adda Zak 12:10
6. Sadansaanii hunduu Isa 48:16; 61:1 irratti eeramaniiru.

Waaqummaan Yesuus fi Dhuunfaa’ummaan Afuura qulqulluu, Amantoota durii, “Waaqa tokkicha” kan jedhu irratti baay’ee rakkoo fida tureera.

1. Turtullian – Ilma Abbaan gaditti kaa’eera
2. Origen - Barbaachisummaa humna ilmaa fi Afuuraa gadi buuseera
3. Arius – Waaqummaa ilmaa fi Afuura qulqulluu ganeera
4. Monarcianism – Milkaa’ina mul’ina Waaqayyootti amana

Sadummaan (trinity) kan gama seenaan ilaalcha wangelaan ibsamuun guddateedha.

1. Waaqummaan Iyyasuus, Aaadhaan walqixa akka ta’e Gorsitoonni Nikiyaa (council of Nicea) Dhaloota Kiristoos Booda 325tti ibsaniiru.
2. Dhuunfa’ummaa fi Waaqummaan Afuura qulquluus kan abbaa fi ilmaa wajjiin walqixa akka ta’e gorsitoonni konstaan tinoopil (Constantinople) ibsaniiru (Dh.K.B 381)
3. Seerri sadummaa, guutumatti hojiiwwan Augustinootaan “*De Trinitate*” jedhu keessatti ibsameera.

Asitti hojiin dhugaa ta’e ni jira. Garuu Kakuu Haarawaan jirachuu humna Waaqummaa tokko kan namoota sadiin ibsamu waan ibsu fakkaata.

**2:32 “Yesuus kana Waaqayyo isa kaaseera”** Yaadannoo guutuu 2:24 irraa ilaali.

▣ **“nutis isa kanaaf dhuga baatuudha”** Kunis warra du’aa ka’uu Yesuus ibsudha. Barreeffamoota du’aa ka’uun boodaa Phaawuloos Barnetiin barreeffame, kan “*Jesus and the Rise of Early Christianity*” jedhu fuula 185, kan 1:3 irra jiru (fuula 9) dubbisi.

**2:33 “gara mirga Waaqayyoo”** Kunis iddeessa, bakka kennuu, kan bakka aangoo, aboo fi sabachiisaa argisiisudha. (cf. 1Yoh 2:1). Kunis faar 110:1 irraa fudhatame, ykn Far 118:16, Waaqayyo Afuura jiraataadha, kan Foon uffattootaa fi uumama Afuuraa ta’an keessa jiraatudha. Namoonnis waa’ee isaa dubbachuuf Afaan biyya lafaa itti hir’ata. Kanaaf jechoota daangeeffamootti fayydamu. Isaan hunduu garuu (1) fugguuwwan (2) walfakkii (3) iddeessa kan ta’anidha. Jecha “Abbaa” jedhullee yoo ta’a Waaqayyo argisiisuuf ykn Ilma argisiisuuf (Yesuus) iddoomina (bakka buusuu)dha. Iddeessa kan ta’an hunduu qabxii tokkoorratti walga’u. Isaanis bu’uura dhugaa ibsuun, waa’ee Waaqaummaa argisiisu. Hogbarruu isaa hubadhu! Dhugaadhumaan, Ati maanguddoo arguu, dargaggoo arguu, areeda adii (aarrii arguu jeennata keessatti hin eegdu.

▣ **“afuura qulqulluu isa abdachiifame”** Kakuu Moofaa guyyaa haaraa Afuurri qulqulluun gara qajeelinaatti nama geessu abdachiise, dalaga Masihichaatiin hojiirra oolche.

1. Yoh. 7:39, guyyichi haaraan dhiyaateera
2. Gal. 3:14, eebbi Abrahaam (cf. Uuma. 12:3) addunyaa maratti har’a kan argamudha.
3. Efe. 1:13, Amantoonni baa haaraa kun afuura qulqulluun guutamanii/marfamaniiru.

▣ **“kan isin amma argitanii fi dhageessan”** Kunis xiyyeeffannoo iti fufinsa qabu kan lallaba kana keessatti argamanii, uumama ijasaaniin arguun ragaa ba’an dhageeffattoota kanaa ibsa.

▣ **"GOOFTICHI GOOFTAA KOOTIIN JEDHE"** Kunis waraabbii Faar. 110:1 irraa fudhatamedha. Yesuusis Maat 22:41-46tti ittifayyadameeera. Kakuu Haaraa keessattis, Mootummaa lamaaniif kallattii agarsiisa; Yesuus durayyuu Mirga Waaqayyoo ture, Garuu hanga sanatti mormitoonni isaa ejjeta miilla isaa jala hin galle ture. Mata duree addaa ilaali. Mootummaa Waaqayyoo kan jedhu 1:3 irraa.

**2:36 "Israa'eloonni hundinuu"** Kunis geggeessitoota Yihudootaa fi ummata/saba hunda ibsa. Raajiin Kakuu Moofaa raawwatamuu fi Yesuus nama Naazireetiin ta'uu isaati kan Pheexiroos ibses. Mata duree addaa kan "Mootummaa Waaqayyoo" jedhu 1:3 irratti ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"shakkii maleef beekuu"** |
| **NKJV** | **"dhugaadhumaan beekuu"** |
| **NRSV** | **"amananiituma beekuu"** |
| **TEV** | **"sirriif beekuu"** |
| **NJB** | **"Amanamaa ta'uu"** |

Kunis jechoota Giriik lama calaqqisiisa. Gochima "aphalōs", kan "to fasten seeuely" jedhu bakka bu'uu (kan 'amanamummaa' (certainity) bakka buuu cf. 16:23) fi Si'aayina Ammee ajajaa (PRESEENT ACTIVE IMPERATIVE) kan ta'e ginōskoō, kan "to know" (beekuu) jedhu bakka bu'udha. Dhuga baatonni jireenya Yesuus dhumaa kunis (dhuma guyyaa jireenyasaa, du'a isaa fi du'aa ka'uu isaaf) dhugaa Pheexiroos duachaa jiru kana irratti shakkii hin qaban.

▣ **"Gooftaa fi Kiristoos"** Jechi "gooftaa (*kurios*) jedhu miira waliigalaan ykn miira murtaa'aan Tiyooloojii keessatti tajaajiluu danda'a. Innis hiika "Obboo" "gooftaa" "Basiisaa" ykn "Qajeelchaa" "abbaa qabeenyaa" "Abbaa warraa" ykn "Nama Waaqayyo guutu" jedhu qaa. Haalli itti fayyadama Kakuu Moofaa (*adon*) dhibaa ummaa Yihudootaa irraa Maqaa Kakuu Waaayyoo, YHWH kan bifa sababa gochima Ibirootaa "to be" jedhu ibsudha. (cf. Ba'u 3:14). Isaanis Ajaja "Thou shalt not take it in vain" jedhu ni caba jedhanii sodaaachaa turan. (cf. Ba'u 20:7; Kees 5:11). Akka isaan yaadanittis yoo sagaleessuu dadhaban. Kanaf, jecha Ibritootaa "*adonai*" jedhu bakka buusu. Innis Hiika jechi Giriik *Kurios* (lord) jedhu qabuun tokkodha.

Barreessitoonni Kakuu Haaraas, Waaqumaa guutuu Kiristoos ibuus jecha kanatti fayyadamu. Gaaleen "Yesuus gooftaadha" jedhu waldoolee duriitiif xinqajeela (formula) sabni balleessaa hojjete himatee gara amantii fi cuuphaatti ittiin dhufudha (cf. Rom 10:9-13; 1Qor 12:3; Fil 2:11).

"Kiristoos" jecha Giriik kan jecha ibirootaa "Masihii" jedhuun took ta'e kan "Isa dibame" hiika jedhu qabudha. (cf. 2:31,36; 3:18-20; 4:26; 5:42; 8:5; 9:22; 17:3; 18:5, 28, 26:23) Innis "kan waamamee Waaqayyoon, hojii murtaa'eef barbaadamee" kan jedhu agariisa. Kaku Moofaa keessatti gurmuun geggeesitootaa sadi; luba, Mootolee fi raajota ta'an dibamaa turan. Hojii 'dibinsa' kana sadanuu Iyyaasuus raawwateera (cf. Ibir 1:2-3).

▣ **"Yesuus kun inni isin fanniftan"** Pheexiroos jiraattoota kan himate warra Du'a Iyyaasuus irratti jaltuu kaasan kana ceephesse. Namoonni kufaan/cubbamoon hunduu yakka isaaniitti walqixa gaafatamu Yaadannoo 2:23 irra jiru ilaali.

▣ **"Yesuus kun"** Muudama kennuun kun "Yesuus kana" (cf. 2:23,32,36) labsii Pheexiroos seenaa du'aa ka'uu Yesuusii fi ol fudhatamu godheen walqabata. Yaadoleen kunneen lachuu sirrii (real) fi dhugaa (ture) kan ta'anidha. Garaagarummaan wangeelaa Yesuus duraa fi Yesuus amantii gidduu hin jiru.

**BARREEFFAMA 'NASB' (FOOYYA'AA) 2:37-42**

**37 Namoonnis kana dhaga'anii garaan isaanii baqaqee; Pheexiroosii fi Ergamoota warra kaaniin "yaa obbolootananaa maal goonuree?" jedhan 38 Pheexiroos immoo "yaada garaa keessanii geeddaradhaa; cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokkoon tokkoon keessan maqaa Yesuus Kiristoositti cuuphamaa; kennaa hafuuraa qulqulluus ni fudhattu. 39 Abdiin Waaqayyo abdachiise isinii fi ijoollee**

**keessaniif warra fagaatanii jiraatanii, Waaqayyo keenya gooftichi itti waamu hundumaafis" jedhee deebiseef. [40]kana malees Pheexiroos kan biraa dubbii baay'eedhaan dhugaa isaanitti ba'e. "Adaba dhaloota jallaa kanatti, dhufu jalaa oolaa!" jedhee cimsee isaan gorse. [41]Warri dubbii isaa fudhatan ni cuuphama; kanaaf guyyaa sanatti, akki lubbuu kuma sadii isaanitti ni dabalaman [42]Amantoonis barsiisa ergamootaatti, tokkummaa isaanii cimsachuutti, kadhata godhachuuttis qabamanii jiraatan.**

**2:37 "garaan isaanii baqaqe"** Jechi kun jecha Giriik kan "*kata plus nussō*" jedhu irraa dhufe. Hundeen jecha kanaas Yoh. 19:34 irratti yeroo inni fannoorratti olba'u Yesuusiif tajaajileera. Lallabni Pheexiroosis warra dhaga'an kana. Waraanee gara dhugaa Wangeelaatti fideera. Kunis barbaachisummaa Afuurri qulqulluu balleessaa namaa namatti ibsee, fayyinaaf sadarkaa jalqabaa kennudha (cf. Yoh. 16:8-11)

**2:38 "yaada garaa geeddaradhaa"** Kunis si'aayina kalli Ajajaa (AORIST ACTIVE IMPERATIVE) kan hiika "Murtoo sirraa'mmaa murteeffadhu" (make decisive decision) jedhu qabudha. Jechi Ibrootaa kan "yaada garaa geeddarachuu" /repentance) jechuuf ta'uu "Gocha tokko jijjiiru" kan jedhudha. Jechi Giriik immoo "yaada jijjiiruu (change of mind) kan jedhu ta'a. Yaada garaa geeddarachuun Hawwaa Of jijjiiruuti. Kunis guutumatti cubbuu keessaa ba'uu jechuu osoo hin taane, garuu dhiifama Waaqayyoo barbaaduudha. Akkuma Namummaa cubbuu/kufaa keessa jiraannu, garuu akka amantootaatti immoo Waaqayyo keessa jiraanna! Waaqayyos fayyisuudhaaf, yaada garaa jijjiirrachuu fi amantii barbaada. (cf. Mar. 1:15; Hoer 3:16,19; 20:11). Iyyaasuunis "yaada garaa keessanii yoo hin jijjiiranne, ni baddu/duutu" jedheera. (cf. Luq 13:35). Yaada garaa geeddarachuun fedhiin Waaqayyo namoota cubbamoo irraa barbaadudha (cf. 2Phex 3:9; Hisq 18:23; 30,32). Hojiin Aangoo Waaqayyoo fi fedhiin bilisa dhala namaa Ifaan ifatti kan mul'atu yaada garaa ofii geeddarachuudhaani, akka fayyinaaf ta'uttidha. Kana ta'uyyuu, wajigu lamaan kun, kennaa Waaqayyooti (cf. 5:31; 11:18 fi 2Xim 2:25). Ibsa wangeelli, kaka'umsa eebbaa fi wanta namummaaf barbaachisu deebii kakuu Waaqayyoo irratti qabu ilaalchisees yeroo mara wanti nama dhiphisuu ni jira. Kakuu Haaraa akkuma Kakuu Moofaa caasaa (yoo… kana booda…) (If…then) jedhu qaba. Jechoonni yaada garaa geeddarachuu waliin wal qabatan Kakuu Haaraa keessatti hedduutu jiru.

Ibsi guddaanhubannoo yaada kanaa 2Qor 7:8-11dha. Jechoonni kunneeniis (1) "sorrow"/gadduu (*lupē* lakk 8, 9, 10, 11) kan gama dudhaan baabsa'aa (neutral) ta'e (2) "Regret"/gaabbuu (*metamelomai* lakk 8, 10) kan gocha yeroo darbeef gaabban fi 3 (Repentance"/qalbii diddiirrachuu (*metanoneō* lak 9, 10, 11) kan yaada ofii jijjiirrachuu jedhamu, Amala haara, kallattii jireenya haaraadha. Yaada garaa geeddarachuun kan amaleeffatu 'gadduu' miti garuu fedhii jijjiiramuuf qaban. Fedha Waaqayyoof ta'uudha. Kan armaan gadii mataduree addaa kan ani "yaada garaa geeddarachuu" kan jedhuuf 2Qor 7 irraa fudhadhedha.

**MATA DUREE ADDAA: YAADA GARAA GEEDDARACHUU**

Yaada garaa geeddarachuu (amantii wajjiin) Kakuu Moofaa keessatti ta'ee Kakuu Haarawaa keessatti wanta kakuuf barbaachisaa ta'edha. (*Nacham*, 1Mot 8:47, *Shuv* 1Mot 8:48; Hisq 14:6; 18:30; Yoel 2:12-13; Zak 1:3-4) fi Kakuu Haarawaa

1. Yohaannis cuuphaa (Mat 3:2; Mar 1:4; Luq 3:3,8)
2. Yesuus (Mat 4:17; Mar 1:15; 2:17; Luq 5:32; 13:3,5; 15:7; 17:3)
3. Pheexiroos (Hoer 2:38; 3:19; 8:22; 11:18; 2Phex 3:9)
4. Phaawuloos (Hoer 13:24; 17:30; 20:21; 26:20; Rom 2:4; 2Qor 2:9-10)

Garuu yaada garaa ofii geeddarachuun maali? Gadduudhaa? Cubbuun hojjechuu dhiisuudhaa? Yaada waraabbii kanaa sirriitti hubachiisuuf gargaaran Kakuu Haarawaa keessaa boqonnaa gaarii kan ta'e 2Qor 7:8-11ti, bakka jechoonni Giriik sadhata qaban sadii garuu gargar ta'an itti tajaajilanidha.

1. Gadduu/sorrow (*lupē* lakk 8 [al lama], 9 [sal sadii], 10 [al lama]11). Innis hiika aaruu, namatti

dhaga'amuu jedhu kan qabu fi gama Tiyooloojiitiin immoo waraabbii hiika babsawaa (neutral qabduha.

2. "yaada garaa geeddarachuu" (*metanoeō* c flak 9, 10) Innis qindoomina "booddee" jedhuu fi "yaada/mind" jedhuuti. Innis 'sammuu haaraa' agarsiisa; yaada haaraa argisiisa. Jireenyaa fi Waaqayyo irratti ilaalcha haaraa horachuu agarsiisa Innis "jijjiirannaa yaadaa" dhugaa ta'edha.
3. Gaabbuu (metamelomai, cf lakk 8 [al lama] 10). Innis Qindoomina booda (after) fi eeggannoo (care) jedhudha. Innis Maat 27:3 irratti Yihudaa fi Ibir 12:16-17 immoo Esawuf tajajaileera. Innis gadda haala sana irratti qabaniidha malee kan gocha sanaa miti.

Yaada garaa geeddarachuu fi amantiin gochaawwan kakuu barbaachisoo ta'anidha. (cf. Mar 1:15; Hoer. 2:38; 8:41; 3:16,19; 20:21). Barreeffamoonni Waaqayyo yaada garaa geeddarachuu kennuu isaa ibsan hedduutu jira. (cf. Hoer 5:31; 11:18; 2Xim 2:25). Gara barreeffamoonni hedduun, kakuu fayyinaa Waaqayyo kenne irratti deebi namoonni qabanidha kan jedhuun ilaalu (cf. Luq 15:20-24).

Hiikaan jechoota Ibirootaa fi Giriikotaa lachansaaniituu hiika guutuu "yaada jijjiirachuu" jedhuuf kennamanidha. Fedhiin Ibirootaa "jijjiiraa gochaa" (change of action) yoo ta'u kan Giriikootaa immoo jijjiirraa sammuu/yaadaa (change of mind)ti. Namni fayye tokko, sammuu haaraa fi onnee ykn laphee haaraa argata. Innis kallattii garaa garaan yaadee, haala garaa garaan jiraata. Anaaf maaltu ta'a kan jedhus Fedhiin Waaqayyoo maali? Gaaffii jedhuun bakka buufata. Yaada garaa geeddarachuun dhikkisa yaadaa kan, cubbuu balleessu ykn cubbuu malee jiraachuu jechuu miti, garuu walitti dhufeenya haaraa wanta qulqullaa'aa irratti qaban kan amantoota quqlulluu taasisu jechudha.

▣ **"cuuphamaa"** Kunis Asli'aayina kalli Ajajaa (AORIST PASSIVE IMPERATIVE)ti (cf. NASB, NKJV). *Hojiiwwan* Curtis Vaughan yaadannoo ijoo ta'e qaba. Fuula 28.

**MATA DUREE ADDAA: CUPHAA**

Curtis Vaughan, *Acts*, has in interesting footnote on p. 28.

> "The Greek word fo "baptized" isatherd person imperative; the word for "repent" a second person imperative. This change from the mord direct second person commond to the less direct third person of "baptized" implies that peter's basic primary demand is for repentance"

Kunis xiyyeeffannoo lallaba Yohaannis cuuphaa hordofuu (cf. Mat 3:2) fi kan Yesuus (cf. Mat 4:17) kan hordofudha. Yaada garaa geeddarachuun furtuu/ijoo dubbii Afuuraa yoo ta'u cuuphaanimoo kan jijjiirama Afuuraa kana ibsudha. Kakuu Haaraa waa'ee namoota hin cuuphamnee wanti inni beeku hin jiru. Waldootee duriifis cuuphaan fayyina dhuunfaa namni hundi beekuudha. Kunis haala Kiristoos keessatti amatnii ofii dhaabbatanidha toftaa fayyinaaf miti! Kan itti yaadatamu qabu lallaba Pheexiroos isa lammataa keessatti cuuphaan hin eeramne, ta'uyyuu yaada garaa geeddarachuun eerameera. (cf. 3:19. Luq 24:17). Cuuphaan fakkeenya yesuusiin wixineeffamedha (cf. Mat 3:13-18). Cuuphaan Yesuusiin abboomameera (cf. Mat 28:19). Kakuu Haaraa keessatti gaaffiin waa'ee fayyinaaf cuuphaa barbaachisaa ta'uu isaa wixineeffamaa miti. Amantoonni hunduu akka cuuphamanidha kan eegamu. Haalli kun ta'uyyuu, namni tokko toftaa wareegama kan fayyinni bu'aa amantiiti; lafa mirgaa miti jechoota sirriidha. Dhimmoota jila sirriis ta'uu isaan mormuu irraa of eeggachuu qaba.

▣ **"maqaa Yesuusiin"** Kunis jechama Ibirootaa (kan Yoel 2:32 irratti calaqqisiifame) kan Amala ykn namummaa Yesuus ibsudha. Kunis yaaxkallattii (formulaa) waldooleen durii cuuphaaf itti gargaaramaa turanidha, kunis kan kaadhimamtoota amantiin irra deebi'amee "Nan amana Iyyasuus gooftaadha" jedhu ture (cf. Rom 10:9-13). Kunis mirkaneeffama Tiyooloojii fi gatsirrii namummaati. Komishinara olaanaa mat 28:19-20 irra jiruuf sadan tokkummaa yaaxkallattii (formulaa) cuuphaati. Ammas toftaa wareegama, kan irraa of eeguu qabnu, Aankii ykn formulaan Furmaata osoo hin taane, simannaa onnee/laphee nama cuuphamuu furmaata ta'uu isaati.

▣
**NASB, NJB**
**NIV "cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf"**
**NKJV "cubbuun akka hir'atuuf"**
**NRSV "kanaaf cubbuun kee siif dhiifamuu danda'a"**
**TEV "kanaf cubbuun kee siif ni dhiifama"**

Gaaffiin tiyooloojiidhaaf (for (*eis*) akkamitti hojjeta? Kan jedhudha. Dhiifamuun cubbuu, yaada garaa geeddarachuu wajjiin waliitti hidhamuu danda'aa? Ykn 'cuuphamuu' wajjiin walqabataa? Dhiifamuun cubbuu jijjiirrannaa yaada garaa ykn cuuphaa irratti hundaa'aa? Haalli (eis/for) itti tajaajiluu danda'u hedduudha kan haala waliigalaan tajaajilu "with a view to" ykn "for this purpose of" kan jedhuunidha. Beektonni cuuphaa hedduun isaanii "because of" kan jedhu sababa Tiyooloojiif filatu, garuu filannoo gadi aanaadha. Yeroo mara halli nuti itti fayyadamna Gulantaa xiinxala seerluga kanaatiini. Akka waliigalaatti jecha wangeelaa fudhachuu qabna, Achiis, Toftaa ykn sirna tiyooloojii ofii keenyaa uumuu ni dandeenya. Gama seenaatiin, Hiiktoonni hundi isaanii, gartummaa fi muuxannoodhaan haaleffamu.

Dhiifamni cubbuu karaa Kiristoos argamu, kan Hojii Ergamootaa keessatti lallabame yeroo kanas "Ergaa ijoo" ta'edha. (kana jechuun kan Pheexirsoos 2:38; 3:19; 5:31; 10:43 fi Phaawuloos 13:38 irratti lallaban jechuudha).

▣ **"kennaa Afuura qulqulluu ni fudhattu"** Kunis giddugala haalduree (FUTURE MIDDLE INDICATIVE) Agarsiistuu kan ta'edha. Kennaan Afuura qulqulluu (1) Mirkaneessa Fayyinaa; (2) jireenya bakkala'aa (3) Hojiif barbaadamuu (4) Hidhata ykn jaalala Kiristoos guddifachuudha. Sababii Hojii keessatti gargar ta'aniif ta'iiwwan fayyinaa kanneen biros dhiibuu hin qabnu. Hojiin Ergamootaa Formulaa; sirna qabeessa ykn adeemsa tiyooloojii barsiisuu jechuu miti. (cf. *"How To Read The Bible for All Its Word" kan jedhu* fuula 94-112) garuu wanta ta'u galmeessudha.

Hiiktoonni, Adeemsa gocha fayyinaa kana ibsuuf barreeffamakanatti ni fayyadamu; yaada garaa geeddarachuu, cuuphamuu, dhiifama cubbuu fi kennaa Afuura qulqulluu? Akka tiyooloojii kootti, Afuurri qulqulluun jalqabumarrattuu nama gargaara (cf. Yoh. 6:44,65) fi Adeemsa balleessaa ofii hubachuu hunda keessatti barbaachisaa kan ta'edha. (cf Yoh. 16:8-12) yaada garaa geeddarachuu (cf. 5:31; 11:18; 2Xim 2:25) fi Amantiifis barbaachisaan Afuura qulqulluudha. Afuurri qulqulluun kunis kan jalqabaa fi kan barbaachisaa ta'edha (cf. Rom 8:9) Jalqabaa hanga dhumaatti. Innis shakkii malee kan suukiyummaan (series) kan dhumu danda'u miti.

**2:39 "Abdichis isinii fi ijoollee keessaniif"** kunis Gochama Kakuu Moofaa dhalootarraa dhalootatti ta'u, yaada maatii ykn qomooti. (cf. Ba'u 20:5-6l fu Jeess 5:9-10; 7:9). Amantiin Ijoollee/daa'immanii kan warra isaanii fi itti gaafatamummaa maatii isaaniin tuqama. (cf. Kees 4:9; 6:6; 20-25; 11:15; 32:46). Gochamni kunis, kallattii bu'aa qabeessa ibsa Mat 27:25 (Let His blood be on us and our children") irra dhiibuu danda'a.

Abdiin Amantii dhaloota danuu, akka Waaqayyo amantii koo irratti hojjetu, akka na eebbisu, akka hidda dhaloota koo eegu akkan amanuuf na gargaare. Kunis itti gaafatamummaa dhuunfaa ganuu miti, garuu, Gochima irratti dabaluun hojjechuudha. "Amantii koo fi tajaajila Yesuus keessatti amanamummaa koo Maatii koo, maatii isaanii fi kkf irratti ni hojjeta. (cf. Kess 7:9). Mijaajma Abdii fi kaka'umsa kauu akkamiitti yeroo Amantiin maatii ofii keessan babal'atu!

▣ **"warra fagaatanii jiran hundaaf"** Pheexiroos saba Yihudootaa hunda waliti qabee dubbate. Hundeen Gaalee kanaas Yihudoota Ari'ataman/baqannaa jala jiran warra Lafa Abdii isaaniitti deebi'uu qaban ibsa. (cf. Isa 57:19). Ta'uyyuu, fuuluma tokkoorratti, warra beekumsa YHWH irraa fagaatanis ni ibsa. (cf. Isa 49:1; Zak 6:15). Oduu gaariin wangeelli qabu Waaqa dhugaa tokkicha (Monotheism) kan dhala namaa hunda haala bifa isaan uumee (Uma 1:26-27). Isaan waliin hojjechuus qabu ibsuu isaati (cf. 1Xim 2:4; 2Phex 3:9). Kunis Abdii tokkummaa dhalli namaa hundi Kiristoos keessatti qabudha. Isa keessattis, Yihudii-Orma, Garba birmaduu, Dhiira-dubartii kan jedhu hin jiru, garuu "hundumtuu tokko" kan jedhutu jira. (cf. Efe 2:11; 3:13). Afuurri qulqulluun bara haaraa tokkummaa hin eegamne fideera.

▣ **"Waaqayyo keenya gooftichi kan itti waamu hundumaatis"** Kunis gidu gala kalli yaaddhuunfaa (AORIST MIDDILE SUBJUNCTIVE). Kan ta'edha. Kunis ka'umsi isaa faca'ina Judizii argisiisa. Waaqayyos yeroo mara kaka'umsa fudhata (MIDDILE VOICE) (cf. Yoh 6:44,65). Hisq 8:32, Yoh 3:16; 1Xim 2:4; 2Phex 3:9 irraa Namoota hunda gulantaa tokko irratti akka inni garsaatti waamu argina, garuu Isaanis deebii kennuu qabu (Haala yaada dhuunfaa).

Jechoota "baay'ee" fi "hunda" fi Isa 53:11,12 wangeelaatiin tokkodha. (cf. Isa 53:6 "hunda" fi Isa 53:11,12 baay'ee ykn Rom 5:18, hunda fi Rom 5:19 baay'ee jedhu waliin madaali). Dhahannaan onnee Waaqayyoo Addunyaa bifa isaan uume kanaaf qabu, akka isaan Isa waliin hojjetaniif ofii isaaf uume.

**2:40 "kan biraa dubbii bay'aaedhaa"** Kunis ragaa addaa ykn dabalataa kan lallaba, Hojii Ergamootaa irratti cuunfamanii galmaa'anidha. Kunis lallabaa fi barsiisa Yesuus wangeelota keessatti godheefis kan ta'udha. Nutis haala itti fayyadamummaa keenyaan kaka'umsa/jajjabina kana ibsuun sirrummaa cuunfaa kanaa ni beekna. Addunyaan jaarraa jalqabaa. Ibsa Afanaiin darbuufi dhuftee isaarratti walii galu.

▣ **"dhugaa isaanitti ba'e"** Jecha Giriik (*dia* plus *marturomai*) Luqaasiifis beekkamaa ta'edha (cf. 2:40; 8;25; 10:42; 18:5; 10:42; 18:5; 20:21,23,24; 23:11; 28:23; Luq 16:28). Wangeelli Ariifannaa fi olaantummaa mormamuu hin dandeenye labsuuf ykn dhageessisuuf ni qaba.

▣ **"cimsee isaan gorse"** Waan Waaqayyo karaa Kiristoosiin kennaa godhee kennu, Namnis deebii itti kennuu qaba. (cf. Yoh. 1:12; 3:16; Rom 10:9-13) Kunis sobdhugaa (paradox) Aangoo Waaqayyoo fi walabummaa fedha dhala namaa waliin deemu ibsa (cf. Fil. 1:12-13).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"oolaa"** |
| **NRSV, TEV** | |
| **NJB** | **"of oolchaa"** |

Dabalamuun bifa kanaa 'Alsi'aayina kalli Ajajaa (AORIST PASSIVE IMPERATIVE) kan ta'e, garuu akka ati himuu dandeessutti NRSV, TEV fi NJBn akka gidduala sagalee (MIDDILE VOICE)tti hiiku. Kunis yaada'ina Tiyooloojii kan ta'e "Fayyina" waliin walqabatudha. Kunis Waaqayyo hundaa, ykn warri dubbicha dhaga'an akka Waaqayyo jireenya isaani keessatti hojjetu affeeruudha.

Jechi Giriik "Saved/fayye" jedhu (*sōsō*) yaada Ibrootaa (*yasha*) kan qaamaan gadhiifamuu ykn fayyuu jedhu calaqqisiisa. (cf. Yaaq. 5:15,20). Kakuu haaraa keessatti immoo waraabbii gadhiifamuu ykn fayyina Afuuraaf gargaara (cf. Yaaq. 1:21; 2:14; 4:12).

**MATA DUREE ADDAA: HENNAA GOCHIMA GIRIIK "OOLUU" YKN FAYYINAAF GARGAARAN**

"Ooluu" firii dhumarratti argamu miti, garuu kan isaan walqabatudha. Yeroo namni tokko Yesuus amanu kun raawwate jechuu miti, jalqaba qabachuu qofadha! Innis wabii seera ibiddaa miti, ykn waraqaa ragaa jeennata ittiin dhaqanis miti, garuu jireenya guddina jaalala "The longer a Couple Lives Together; the more they begin to look alike" jedhutu jira. Kunis Kaayyoo Fayyinaati!

OOlUU/FAYYINA AKKA GOCHA RAAWWATAMEETTI (AORIST)

- Hojii Ergamootaa 15:11
- Roomaan 8:24
- 2Ximootewos 1:9
- Tiitoos 3:5
- Roomoon 13:11 (Raawwatama, Qajeelfama dureen wal qabate)

OOLUU/FAYYINA AKKA HAALA ADEEMSARRA

- Efesoon 2:5,8

OOLUU/FAYYINA AKKA HAALA ADEEMSARRA JIRUUTTI (PRESENT)

- 1Qoronxoos 1:18; 15:2
- 2Qoronxoos 2:15
- 1Pheexiroos 3:21

OOLUU/FAYYINA AKKA FAYYADAMA FUULDURAATTI (duree henna Gochimaa)

- (kan Mat 10:22; 24:13 Maq 13:13 irratti hojiirra oole)
- Roomaa 5:9; 10:9,13
- 1Qoronxoos 3:15; 5:15
- Filiphisiyus 1:28
- 1Tasaloonqee 5:8-9
- Ibiroota 1:14; 9:28
- 1Ximootewos 4:16
- 1Pheexiroos 1:5,9

Kanaafuu, fayyinni/ooluun murtaa jalqaba amantii wajjiin eegala. (cf. Yoh 1:12; 3:16; Rom 10:9-13), garuu kunis Adeemsa haala jireenya amantii keessatti bu'aa buusuutu irraa eegama. (cf. Rom 8:29; Gal 3:19; Efe 1:4; 2:10) Innis gan gaaftokko hubannoon itti fayyadamnu ta'uu danda'a. (cf. 1Yoh. 3:2). Jechi dhumaa kanaaf ta'us Gaarummaa (glorification) kan jedhudha. Kunis kan inni ibsamu:

1. Fayyina/ooluu jalqabaa – Hojii hiikuu (yakka cubbuu jalaa fayyuu)
2. Fayyina/ooluu Adeemsa – Of walaboomsuu (Aboo cubbuu jalaa ooluu)
3. Fayyina/ dhumaa – Gaarummaa (Cubbuu jiru jalaa bilisa bahu)

▣ **"dhaloota jal'aa kana"** Kunis Kees 32:5 fi Far 78:8 irra isa jruuf kan balbala banudha. Hundeen Kakuu Moofaa keessatti jecha kana ibsu "right" "rightesus" "just" "justice" kan shabaqqoo (leemmana Laga ibsudha. Kunis iddeessa (metaphor ijaarsaa bakka bu'a, safara leemmanaa, ykn daandii sadarkdaasaa eeggatedha. Waaqayyos Iddeessa kana kan filateef Amala isaa ibsuufidha. Waaqayyo kan sadarkaasaa eeggatedha! Irri caalaan Addunyaa cubbuuf Ibirootaa fi Giriikotaa keessaa kunis Adeemsa Waaqayyoo kana irraa jallachuudha. Namni hunduu ooluu fi deebi'ee ijaaramuu barbaada.

**2:41**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"fudhatan"** |
| **NKJV** | **"Gammachuun fudhatan"** |
| **NRSV** | **"affeeraan"** |
| **TEV** | **"amanan"** |
| **NJB** | **"simatan"** |

Kunis GIDDUGALA KALLI/RAAWWATAMA GOCHA (AORIST MIDDLE PARTICIPLE). Kan "*apodechomai*" jedhu argisiisudha. Louw fi Nida, "Greek-English Lexicon" kan jedhu, tajaajila jechi kun qabu sadii tarreessa. (vol. 2, fuula 28).

1. Nama tokko afeeruu
2. Waan tokko akka dhugaatti simatanii deebii sirrii kennuu fi
3. Dalaga hojii dhugaa, ykn gatii nama ykn waan tokkoo.

Luqaas yeroo mara jecha kanatti fayyadama (cf. Luq 8:4; 9:11; HoE 2:41; 18:27; 24:3; 28:30). Wangeelli namakan simatamudha, dhugaa waa'ee nama sanaa, akka amanuuf, fi akka namsi sun jiraatutti kan jiraatudha. Sadan qabxiilee kanaa hunduu barbaachisoodha.

▣ **"cuuphamanii turan"** Cuuphaan warra Yihuditiif mana qulqullummaatti seenuuf amantii isaanitiif barbaachiisaadha. Warreen Piroseelaayitii ofiin kan of cuuphanidha, garuu warri Yihudii akkas miti. Kun amantii keessatti kan hin eegamnedha. Yesuus cuuphaa ture, akkasumas Yesuus akka cuuphnuuf abboomeera, sun sana sirreesseera. Kakuu Haaraan waa'ee amanaa hin cuuphamne wanta beeku hin qabu. Kun anaaf adeemsa Yihudii kan cabsee fi saba Waaqayyoo haaraa kan jalqabe natty fakkaata.

▣ **“akki lubbuu kuma sadii”** Kunis lakkoofsa murtaa’aadha, garuu lakkoofsa guddaa kan ta’edha. Warra ija isaaniin argan kanaan ergaan Pheexiroos mana ijaare jechuudhaa. Isaanis cittuu amantii akka amananiif isaan barbaachiftu dursanii qabu turan.

1. Yesuus Masihicha
2. Masihichi ni dhiphata jedhameera
3. Isatti amanuu qofatu dhiifama cubbuu fida
4. Cuuphaan murteessaadha

Kunneen hunduu murtee, battala kan ta’u, murtee jijjiirama jireenyaati (cf. akkuma har’as ta’aa jiru kanatti)! Mata Duree Addaa: *Kerygma* jedhu 2:14 irra ilaali.

**2:42 “Isaanis itti qabamaniituma jiraatan”** Luqaasis yaada isaa kana yeroo mara itti fayyadama (cf. 1:14; 2:42,46; 6:4: 8:13; 10:7) kan hubatamu, waliin hojjechuu isaaniiti. (1) Barsiisummaa (cf. 2:42; 4:2,18; 5:21,25,28,42); (2) tokkummaa (3) Biddeen waliin cabsachu (i.e. kunis wanta nuti amantoota haaraa barsiisuu qabnudha. Jijjiiramni haaraa kun dhugaa beela’uu fi tokkummaa (community) barbaaduudha.

**MATA DUREE ADDAA: KONONIYAA**

Jechi kononiyaa “walitti dhufeenya” jedhu hiiknisaa

1. Namaa wajjin walitti dhufeenya cimaa qabaachuu
   a. Ilmaa wajjin 1Yoh. 1:6; 1Qor. 1:9
   b. Afuuraa wajjin 2Qor. 13:13; Fil. 2:1
   c. Abbaa fi ilmaa wajjin 1Yoh. 1:3
   d. Obbolowwan biroo kakuwwanii wajjin 1Yoh. 1:3,7; HoE 2:42; Gal. 2:9; Filimonaa 17
2. Waantootaaf gareewwan walin walittidhufeenya cimaa qabaachuu
   a. Wangeelaa wajjin Fil. 1:5; Filimonaa 6
   b. Dhigaa Kiristoos waliin 1Qor. 10:16
   c. Duukanaa wajjin miti 2Qor. 6:14
   d. Gidiraa waliin Fil. 3:10; 4:14; 1Phex. 4:13
3. Kennaa yookiin buusii arjummaan ta’u Rom 12:13; 15:26; 2Qor. 8:4; 9:13; Fil. 4:15; Ibr. 13:16
4. Ayyaana kennaa Waaqayyo karaa Kiristoos isa walitti dhufeenya ilmaan namaatiifi isa walitti araarse

**BARREEFFAMA “NASB” (FOOYYA’AA): 2:43-47**

**[43]Dinqiinii fi milikkinni baay’een harka ergamootaatiin ni godhamu. Namoonni hundinuus Waaqayyoon ni sodaaatu turan. [44]Kan amanan hundinuu walii wajjiin idduma tokko turan kan isaan qaban hundinuus qixxee ture. [45]Araddaa isaaniitiifi qabeenya isaanii, gurguranii horii isaas hundumaafuu akka isa barbaachisetti ni hiru turan. [46]Guyyaa guyyaatti yaada tokkoon mana qulqullummaatti deddeebi’anii manuma mana isaaniittis buddeena cabsatanii, gammachuudhaan, garaa qulqulluudhaanis nyaata isaanii waliin ga’anii ni nyaatu turan. [47]Isaan Waaqayyoon ni galateeffatan. Saba hundumaa durattis ayyaana argatan; gooftaanis guyyaa guyyaatti warra fayyan amantootatti ni dabale.**

**2:43 “namoonni hundinuus Waaqayyoon ni sodaaatu turan”** Kunis agarsiiftuu Alsi’aayina Alsirrii (IMPERFECT PASSIVE INDICATIVE)ti. Jecha kana irraas jecha Englizii “phobia” jecha “Awe” jedhu irraa ni argina. Innis sodaa (fear) bakka bu’a. Jiraachuu fi humni Waaqayyoo qilleensa naannoo lafaa qulqulluu taasise, warra hin fayyinellee cubbamootaaf kaka’umsa fidee yerichaa fi bakkicha lafa aarsaa godhe.

**2:44 “kan amanan hundinuu”** Yaadannoo guutuuf 3:16 dubbisi.

▣ **"kan isaan qaban hundinuus qixxee ture"** Yaaliin yeroo durii hawaasa sana keessa ture itti fufinsaan kan mil'aa'e miti. (cf. 4:32-5:11). Kunis ta'iiwwan waliigalaati jechuu miti. Garuu yaalii, bakka jaalalaatti, Gargaarsa hawaasaa ykn amantiif cimsuuf ta'edha. Wanti wangeela keessatti galmaa'e hojiitti hiikameera kan jedhuufis kan fakkeenya gaarii kan ta'udha. Amantoonni durii kun jaalala guddaa walii walii isaaniif qabu turan. Maarree! Nutis jaalala akkasii, miira jiraachuu Waaqayyoo fi Aboo isaa of gidduutti har'as arguu ni dandeenya (cf. Yoh. 17:11,21,22,23)!!

**2:46 "yaada tokkoon"** Waldooleen durii kaayyoo tokkummaa akkasiitiin beekamu (amaleeffatamu) (cf. 1:14; 2:46; 4:24; 5:12). Kunis waan hundumaarratti waliif galu jechuu miti; garuu, lapheen isaanii fi yaadni isaanii. Amala/qabeenya Mootummaa Waaqayyoo keessatti filannoo dhuunfaa ala ka hojjetu jechuudha.

▣ **"mana qulqullummaatti"** Isaanis tarii "Gardaafoo Solomoonitti" walga'u jedhamee yaadama (cf. 3:11; 5;12). Yesuusis achitti barsiiseera (cf. Yoh. 10:23). Gardaafoon Solomoon, kan karaa bahaa mana murtii Oromootaa mana qulqullummaa Herodisiin marfamee kan jiru. Barsiifni duree Amantii Yihudootaas achitti kan barsiisan ture. Barsiisa kana dhaga'uuf ummannis achitti walitti qabamu (cf. Yosephas *Antiq* 15:11:3).

Kanti hubatamu, waldooleen durii mana qulqullummaatti hirmaachuu fi mana sagadaa warra hurrii ba'anii 9synagogue) hanga barsiisonni yaaxkallattii barumsaa bakka buusaniifitti hojjechaa turan (Dh.K.B naannoo 70). Kan miseensonni "synagogue" Akka Yesuus abaaran ykn himatan kan godhedha. Kunis gargar cubbuu waldaa kiristaanaa fi judizimii fide. Amantoonni durii kadhannaa isaanii torbee torbeen ta'u sirreeffatani/eeggatan, garuu, Du'aa ka'uu Yesuus kabajuuf Dilbata walga'uuf godhatan.

▣ **"manuma mana isaaniittis buddeena waliin cabsaanii"** Otoo "Buddeen waliin cabsachuun" Irbaata gooftaa toftaa muudamaa ta'ee (cf. Luq. 22:19) fi keessattuu nyaata/dhiyaana 'Agape' (cf. 1Qor 11:17-22; 2Phex 2:13-14; Yoh. 12) waldoolee durii keessatti ta'ee, ex Hoer 20:7) Silaa Manneen naannoo keessatti barsiifata ta'ayyu ture. (garuu, nyaata seera qabeessa Luq 24:30,35 irratti tajaajila sanaan Amanamuu qabayyu). Ibsa duudhaan qabdu irratti of eeggannoo godhi, yoom?, Eessatti? Fi deddeebii fi bifa Irbaata gooftaa beekuuf.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"gammachuu fi amanamummaa onnee/laphee"** |
| **NKJV** | **"gammachuu fi kasoo'ummaa onnee"** |
| **NRSV** | **"gammachuu fi arjummaa onnee"** |
| **TEV** | **"gammachuu fi Dambooba onnee"** |
| **NJB** | **"gammachuu fi Arjummaadhaan"** |

Garaagaummaan jijjiirarraa jecha lammaffaa "*aphelotēs*" hiikuuf ulfaataa ta'uu isaa agarsiisa. Gama hogbarruutiin "lallaafaa" (smooth) ykn diriiraa (plain) jechuudha, garuu, bakka walbu'insaan "salphaa" (simple) "Amanamaa" (sincere), ykn "Damboboo" (humble) wajjiin tajaajila. (Louw fi Nida). Mata duree addaa "Laphe/onnee" jedhuu 1:24 irraa ilaali.

**2:47**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"nama hundumaa waliin surraa qabaachuu"** |
| **NRSV** | **"nama hundaa waliin gaarummaa qabaachuu"** |
| **TEV** | **"gaarummaa nama hundumaatti gammadu"** |
| **NJB** | **"tokkoon kan biraatiin ilaalamu"** |

Gaaleen kun kiristaanonni durii, saba Yerusaaleem fudhatama argachuu isaanii ibsa. Sabni gosa kamiyyuu, sadarkaa kamiyyuu hundi, Amantoota jalqabaa kana, haala gaariin fudhatan. Kiristaanni olaantummaa Roomaa kan miidhu ykn Nageenya kan tuqu miti. (Kaayyoo hojjettootaa keessaas tokko). Jalqaba waldaa kiristaanaaf gargar ba'insi duree barsiisa Judizimii waliinis hin turre.

▣ **"Gooftichi itti dabalee"** Alsi'aayina Alsirrii Agarsiisuu (IMPERFECT PASSIVE INDICATIVE). Wangeelli kan xiyyeeffatu olaantummaa Waaqayyoo irrattidha. Wanti tokkollee kan fedha Waaqayyoon ala ta'u hin jiru. Kan Waaqayyoon dinqisiifatus hin jiru. Ta'uyyuu, karaan Ibsa Kakuu Moofaa Tokkichummaa (monotheism) (i.e abbaa sababaa tokko) kan hubatamuu hin dandeenyedha. Anis, matadureewwan adda lama kan,

barbarbaachisummaa madaallii fi tokkommoo ‘kakuu’ irrattiin gidduu galchuu barbaada. Nan abda’a kunis ifa malee oo’a (heat) hin fidu!

**MATA DUREE ADDAA: FILANNOO (DURSA KAN WAAQAYYOON MURTAA’E FI MADAALA TIYOOLOOJIIF BARBAACHISUMMAA ISAA)**

Filannoo seera bulmaata gaarii/dinqisiifamaadha. Ta’ullee, olaantummaaf kan waamaman miti. Garuu warra kaaniif daandii fayyinaa ta’uuf, mi’a hojii ta’uuf ykn warra kaan qulqulleessuufidha! Kakuu Moofaa keessatti, Jechi kun jalqaba irratti “Tajaajilaaf” gargaara; Kakuu Haarawaa keessatti immoo jalqabarratti Fayyina gargaara kan tajaajila keessatti hammatamudhas. Wangeelli walitti bu’insa ykn faallaa aangoo Waaqayyoo fi walaba fedha dhala namaa gonkumaa hin atoomsu (reconciles), garuu lamaan isaaniitu ni ibsa! Dhiphina/yaaddoo wangeelaaf fakkeenya kan ta’e Rom 9, Filannoo Aangoo Waaqayyoo fi Rom 10, barbaachisummaa deebii dhala namaa (cf. 10:11,13).

Yaada’ina Tiyooloojii kanaaf ijoo kan ta’e tarii Efesoon 1:4 irratti ni argama ta’a. Yesuus nama Waaqayyoon filatame fi ga’umsa/humnaan ofitti isa filate (karlbarth). Fedhii dhala namaa cubbamaa kanaaf Yesuus “ija” Waaqayyooti. (karl Barth). Efesoon 1:4 akka ibsutti kaayyoon quqlulleessuu jennataaf osoo hin taane, Qulqullummaa (holiness) fidha jedhee Qulqullinaan ibsa. Itti gaafatamummaa dhiisuun nutis yeroo mara kan harkifamnu gara bu’aa wangeelaattidha! Waamichi Waaqayyoo yeroodhaa fi jireenya bara baraatiifidha.

Seerri bulmaataa gara sadhata dhugaatti, akka qophummaatti miti, dhugaan kan hidhata hin qabne miti. Fakkoommii gaarii kan ta’e Galaaksii (urjii gurmuun jiru) fi urjii tokkittiidha. Waaqayyo, dhugaa hogbarruu warra dhihaa keessa buufachiise malee kan warra bahaa miti, yaaddoo sabdhugaa (paradoxical) lamee seera ittiin bulmaata dhugaa (Waaqayyo bararraa baratti ce’uusaa fi Waaqayyo uumaman bakka hundatti argamuusaa. Hiccitii jireenyaa fi kaayyoo jireenyaa, Yesuus akka Waaqayyoon walqixa ta’e fi Yesuus akka hojjetaa Waaqayyoo/Waaqayyoo gaditti yaada garaa geeddarachuu fi Deebii amantii dhalli namaarraa barbaachisu (cf. Mork 1:15; Hoer 3:16; 19:20:21). Xiyyeeffannoo kan ati gochuu qabdu, Baafata tokko yoo mirkaneessitu tokko ol kaasuun kaan immoo gadi qabuun dhiisuu! Olaantummaa kee qofa ibsuu (Seera Kee) toftaa tiyooloojii kee).

**MATA DUREE ADDAA: “KAKUU”**

Jecha Kakuu Moofaa “berith” kakuu, jedhu hiikuun baay’ee ulfaataadha. Jechamni isaatti firoomu/isaan walqabatu hin turre Afaan Ibriootaa keessa. Namoonni hundinuus hiika gama “etimolojiin” jiru irraa fudhatanii wanta rakkisaa ta’e kana fooyyessuuf yaalaa turaniiru. Ta’uyyuu, dhugaan handhura yaada kanaa Beektoonni akka tajaajila isaa qo’atan godhee akka isaan hiika tajaajila isaa murteessan yaalsiseera.

Kakuun adeemsa, Waaqni dhugaan uumama saba isaa waliin hojjechuuf abdachiisudha. Yaadni kakuu waliigaltee mul’ata waneelaa hubachuuf kan baay’ee barbaachisaa ta’edha. Yaadni olaantummaa Waaqayyoo fi bilisummaa fedhii dhala namaas ifaan ifatti kan argamu yaada kakuu keessattidha. Kakuuwwan muraasa Amala Waaqayyoo, gocha Waaqayyoo fi kaayyoo Waaqayyoo irratti hundaa’an:

1. Uumama ofiisaa (Uma 1-2)
2. Waamicha Abrahaam (Uma 12)
3. Kakuu Abrahaam waliin gale (cf. Uma 15)
4. Kan Abdii Nohiif gale (cf. Uma 6-7)

Ta’uyyuu, uumamni ka’uu baay’ee deebii barbaadu

1. Amantiidhaan Addaam Waaqayyoof Abboomamuu qabaachuu fi muka jennata Eden keessaa nyaachuu dhiisuu qabayyu ture (Uma 2)
2. Abrahaam Amantiin maaatiisaa keessaa ba’e, Waaqayyoo dhuukaa bu’uu qabachuu fi dhaloota fuulduraaf amanuu qaba (cf. Uma 12,15)
3. Nohi amantiidhaan bidiruu hojjechuu fi bineeldotas walitti qabuu qaba (cf. Uma 6-9)
4. Muuseen Amantiidhaan Israa’eloota Gibxii baasuu fi qajeelfama murtaa’e amantiif fi jireenya

hawaasaaf Abdiif eebbaa fi abaarsa (Keess 27-28) fudhachuu qaba.

Yaada'inni akkasii, sadhata Waaqayyo namummaaf "Kakuu Haarawaa" keessatti dhaabe ammata. Yaada'inni kunis ifaaf ifatti Hisq 18, His 36:27-37 waliif madaaluu keessatti argama. Kakuun Arjummaa Waaqayyoo ykn Deebii dhala namaan kennamu irratti hundaa'aa: Kunis dhimma Kakuu Moofaa keessatti fi Kakuu Haarawaa keessatti gubaa ta'edha. Kaayyoon lachan isaaniituu tokkuma: (1) Tokkummaa Uma 3 irratti hafe deebisanii ijaaruu, fi (2) Nama dhugaa Amala Waaqayyoo calaqqisiisuu hundeessuudha.

Kakuun Harawaan Er. 31:31-34tti jiru hirmaannaa fudhatama qabuun dalaga namaa hanbisuun furmaata fideera. Seerri Waaqayyoos bakka hojii alaan mul'atuu bu'ee barbaachisummaa keessa ta'eera. Kaayyoon seera Waaqayyoo beekuus, Namoonni sirrii ta'an akka haaluma sanaan eeggatanii turan godha, garuu tooftaan isaa ni jijjiirama. Dhalli namaa cubbamaan, bifa Waaqayyoon ibsu kana gaarii gochuuf of sirreessuu qabu. (cf. Rom 3:9-13). Rakkinni ture kakuu miti, garuu cubbuu namootaa fi dahdabbii namootaatu rakkoo guddaadha. (cf. Ron 7; Gal 3).

Yaadda'inni kana fakkaatu, Kakuu Moofaa Alhaalawaa ta'ee fi abdii haalawwaa Kakuu Harawaa keessaa gidduu jira. Fayyinni, hojii Yesuus hojjetee raawwateen bilisa ta'eera, garuu, yaada garaa geeddarachuu fi amantii barbaada (Jalqabas ta'ee iffi fuinsaan). Innis an seeraan beeksifame fi jaalala Kiristoosiin kan waamamani, Hima fudhatamummaa argisiisu fi mul'iftuu Qulqulummaati! Amantoonni Dalagaa isaaniin hin fayyani, garuu isarrattis abboomamuudhaa ni malee (cf. Efe 2:8-10). Seera Waaqayyoo eeganii jiraachuun, ragaa fayyinaa ta'a mlaa Hiikaa fayyinaa miti.

▣

**NASB,NRSV "lakkoofsa isaaniitti"**
**NKJV "waldaatti"**
**TEV "garee isaaniitti"**
**NJB "gurmuu isaaniitti"**

Gaaleen "*epi to outo*" jedhu Geggeessummaa (classical) Giriik keessatti kan fayyadu (Septuagint and Hoer 1:15; 2:1,47; 1Qor 11:20; 14:23). Gurmaa'uu (coming together) jechuudhaan hiikama. Asitti Kakuu Haaraa keessatti yaa'ii waldaa kiristaanaa (church meeting) agarsiisa. Kanaafuu, gooftichi waldaatti dabale (i.e warra walitti qabaman guyyuma guyyaan.

▣ **"warri fayyan kun"** Gaaleen "Gooftaa (Waaqayyo ykn Kiristoos) dabala ture" jedhu, agariisa si'aayina alsirrii (IMPERFECT ACTIVE INDICATIVE), garuu gaalichi AlRaawwatama, ammee dalagamu (PRESENT PASSIVE PARTICIPLE) kan ta'edha. Abgochi ibsames Abgocha gochima (PASSIVE VOICE) "Gooftaa" jedhudha. "Fayyinni" kan adeemsarra jirudha. Fayyinni, Amantii/amanuu guyyaa guyyaan Amanuu wajjiin eegala. Fayyinni sadhata Waaqayyoon/Afuura qulqulluun wixinaa'edha. (cf. Yoh. 6:44,65), garuu muuxannoo itti fufuu qabudha. Innis, waraqaa ragaa (ticket) jennata nama galchu ykn wabii jireenyaa osoo hin taane, guddina guyyaa guyyaa, sadhata amantiiti mataduree addaa "Hennaawwan Gochima Giriik Fayyinaaf tajaajila" jedhu 2:40 irratti ilaali.

## GAAFFIILEE MARII

Kun qajeelfama qo'annoo yaadaa kan Macaafa Qulqulluu hiikuuf itti gaafatamummaa kee baatudha. Tokkoon tokkoon keenya Ifa qabnu keessa deddeebi'uu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluu fi Afuurri Qulqulluun hojii hiikumsaa keessatti warra jalqabaati. Warra yaada kennaniif jettees dhiisuu hin qabdu.

Gaaffileen marii kunis dhimmoota gurguddoo kutaa Macaafa kanaa keessa jiran irratti akka yaadduuf siif kennaman; kana jechuunis maalummaasaa yaaduu jechuudha malee murteessaa jechuu miti.

1. Lallaba Pheexiroos jala muri (gumee baasi)
2. Kaayyoon "phenxeqoosxee" (guyyaa shantamaffaa) maali?
3. Raajiin yoo'eel akkamitti barreeffama (ibsa) kanaan walqabata?
4. Ergaa Kakuu Moofaa Pheexiroos itti fayyadamee ibsi.

# HOJII ERGAMOOTAA 3

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TIV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Balbala mana qulqulluummaa duratti fayyifamuu namicha naafa tokkoo | Fayyifamuu namicha naafa tokkoo | Fayyisuu balbala isa bareedaa irratti ta'e | Kadhataan naafti tokko fayyifamuu isaa | Fayyifamuu namicha nafa tokkoo |
| 3:1-10 | 3:1-10 | 3:1-10 | 3:1-10 | 3:1-10 |
| Lallaba Phexiroos gardaafoo Solomon keessatti lallabe | Gardaafoo Solomon keessatti lallabuu isaa | Lallaba Pheexiroos | Mana qulqullummaa keesatti ergaa Pheexiroos | Pheexiroos namoota sanatti dubbachuu isaa |
| 3:11-26 | 3:11-26 | 3:11-26 | 3:11-26 | 3:11-26 |
| | | 3:17-26 | 3:17-26 | 3:17-24 |
| | | | | 3:25-26 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A Guid to Bible Reading" fuula Vii irraa)**
*SADARKAA KEEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABAA HORDOFUU*

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti. Kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa maaa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoo tokkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni qulqulluunii fi Hafuurri Qulquluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabaa qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gullummoowwan keeti. Hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan hiruun dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabaa hordofuudhaaf furtuudha. Kun immoo giddu galeessa hiikichaati. Tokkoo tokkoon keeyyataa gullummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata 1ffaa
2. Keeyyata 2ffaa
3. Keeyyata 3ffaa
4. Kkf

**HIIKA GULUMSAA**

Boqonnaa 3-5 keessatti barsiisa Yesuusii fi dinqii ergamoonni hojjetan irraa kan ka'e dhiibbaatu ture. Yeroon boqonnaawwan shanan jalqabaa gara waggaa tokkooti.

A. Pheexiroosii fi Yohaannis namicha naafa tokko fayyisuu isaanii, 3:1-4:31 (fakkeenya HoE 2:43).
   1. fayyisuun sun mataan isaa
   2. Pheexiroos lallaba isaa isa lammaffaatiin fayyicha ibsuu isaa
   3. mormii fi ari'atama sana (dubbi Pheexiroos isa sadaffaa, yaa'ii durati dhi'eeffamee)
   4. ari'atamichi jalqabamuu isaa

B. Jireenya hawaasummaa keessatti yaalii godhame HoE 4:32-5:11
   1. tokkummaa amantootaa isa jalqabaa
   2. rakkoo Aanaaniyaasii fi Safiraadhaan dhufe.

C. Hariiroo waldaan isheenjalqabaa barsiisa warra Yihudootaa waliin qabdu, 5:12-42
   1. jireenya waldaattii
   2. hinnaaffaa angafa lubootaa
   3. sabbachiisummaa (in tercession) ergamaa Waaqayyoo
   4. lallaba Pheexirsoos arfaffaa
   5. mormii fi adaba ta'e.

**BOQONNAA 3-4 KEESSATTI MAQAAWWAN YESUUS ITTIIN WAAMAME**

A. Yesuus nama Naazireet, 3:6; 4:10
B. Hojjetaa Isaa Yesuus, 3:13,26; 4:27
C. Qulqulluu fi qajeelaa isa ta'e 3:14
D. Isa namoota gara jireenyaatti geessu, 3;15
E. Kiristoos, 3:18,20; 4:10
F. Raajii 3:22
G. Maqaa "sanyii Abrahaam" jedhu kan agarsiisu ta'uu danda'a 3:25-26
H. Dhagaa mataa golee qajeelchu, 4:11

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 3:1-10**

[1]**Gaaf tokko Pheexiroosii fi Yohaannis** ***yeroo*** **kadhata waaree booddee, innis sa'aatii salgalaffaatti, gara mana qulqullummaatti ol ni adeemu turan.**
[2]**Kunoos namni dhaloota isaatii kaasee naafaa ta'e tokko, achi ture, innis guyyuma guyyaatti baalamee dhufee, "Balbala miidhagaa" isa jedhamu sana dura taa'ee, warra mana qulqullummaa dhaqan irraa horii ni kadhata ture.**
[3]**Namichi Phexrioosii fi Yohaannis mana qulqullummaati ol lixuuf akka dhufan argee, horii isana kadhate.**
[4]**Pheexiroosii fi Yohaannis ijaan isa qaban; Pheexiroos immoo, "Nu ilaali" jedheen.**
[5]**Yommus inni waa isaan biraa kan argate se'ee, ija keessa ilaalee.**
[6]**Pheexirsoos garuu, "Ani meetii fi warqee hin qabu, waanan qabu garuu siifan kenna; maqaa Yesuus Kiristoos nama Naazireetiin ka'ee, adeemi!" jedheen.**
[7]**Harka isaa mirgaa qabee isa kaasee, achumaanis miilli isaa fi gulubiin isaa jabaatan.**
[8]**Utaalees ka'ee ijaajjee, adeemees, isaanii wajjin mana qulqullummaa lixee, asii fi achii adeemee, quriphisaa Waaqayyoon galateeffate.**
[9]**Namoonni hundinuu utuu inni asii fi achi adeemuu, Waaqayyoonis utuu galateeffatuu argan;**
[10]**Mana qulqullummaa, "Balbala miidhagaa" dura taa'ee, horii kdahataa inni ture isa akka ta'e baranii, waan isaaf godhame kanaafis jajanii baay'e raajieeffatan.**

**3:1 "gaaf tokko Pheexiroosii fi Yohaannis…gara mana qulqullummaatti ol ni adeemu ture"** kun GOOCHA HIN XUMURAMNE agarsiisa. Yeroo hundumaa mana qulqullummaa dhaqaan amala duuka buutota warra dirii hundumaa ture (cf. 24:53; HoE 2:46). Waaqeeffannaan duuka buutota yesuus warra duraa Phaalistiinaa keessatti (1) mana qulqullummaa keessatti (yeroo hunda yoo ta'uu baate illee guyyaa addaa tokko); (2) mana sagadaa naannoo jiru keessatti (Sanbata hundumaa); (3) gaafa Sanbata guddaa amantootaa wajjiin ture. Kun adeemsa yeroo dheeraaf hordofamaa turedha. Amantoonni kun akka masihicha isa kakatameetti Yesuusiitti amantii

qabaniifi amantii warra Yihudootaa gidduutti garaa garummaa hin agarre ture. Isaan ofii isaanii akka, "Namoota ykn amantoota Israa'elitti" ilaalu ture. Kanumaafis maqaa *ekkiesia* jedhamu gartuu isaaniif filatan. Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii (septuangist) keessatti kun akkaataa gaaleen afaan Ibrootaa kakuu agarsiisu, "tokkummaa/*qahal*) saba Israa'el" jedhu ittiin hiikamudha.

Kufaatii Yerusaalem booddee Yihudoonni sadarkaa mootummaatti tarkaanfii fudhataniin formulaa kakuu dhaabanii (Yesuus masihii ta'uu isaa keesaa hambisanii) miseensummaa mana saadaa aangeessan. Kan yeroo akka guyyaa Waaqeffannaatti waldaan Sanbata guddaa fudhatte ture (guyyaa du'a aka'uu Yesuusiif yaadannoo ta'u; guyyaa yesuus kutaa gara olii keessatti yeroo sadii ergamoota isaatti mulate).

Yohaannis Hojii Ergamootaa keessatti yeroo baay'ee Pheexiroosii wajjin kaafama (cf. 1:13; 3:1,3,4,11: 4:13, 19:8:14). Waldaan Yerusaaleem durii gartuu geggeessitootaa ilaalchaa fi xiyyeeeffannoo wangeelaa garaa garaa bakka bu'an qabaachuun ishee qabatamaatti waan ta'uu danda'udha. Pheexirsoosii fi Yohaannis caalaatti warra saba Waaqayyoo hin taaneetti wangeela lallabuutti qabamanii kan turan ta'uu danda'u (cf. lakk 8,10). Yaa'iqoob (Yesuusiif obboleessatti kan oolu) immoo harka caalaa Yihudoota warra jijjiirama hin barbaannee wajjiin maqaan isaa ka'a. Walga'ii Yerusaalemitti ta'e (HoE 15) booddee kun hundumtuu hanga tokkoo jijjiiramaniiru.

▣ **"yeroo kadhannaa waaree booddeetti, innis sa'aatii salgaffaatti"** Kun erga biiftuun baatee sa'aatii sagal kan agarsiisu ta'uu danda'a. Yihudoonni (Fariisonni) guyyaa hundumaa ganama sa'aatii 3, guyyaa sa'aatii 6 fi waree booddee sa'aatii 9tti (Far. 55:17 irratti hundaa'ee ta'uu danda'a) kadhatu ture. Barreeffamni kn yeroo galgala aarsaan itti dhi'aatu, innis waaree booddee sa'aatii sagalan (aarsaan ganamaa immoo sa'aatii 3tti ture) agarsiisa. Yeroo kanatti namoonni baay'een mana qulqullummaa keessa jiraachuu danda'u (cf. 10:30).

**3:2 "namni dhalaoota isaatii kaasee naafate tokko"** Namoonni yeroo hunda mana qulqullummaa hordofan hundumtuu haala namicha kanaa beeku turan ("guyyuma guyyaatti baatamee", GOCHA HIN XUMURAMNEdha): kanaaf, fayyisuu ta'e sana haguuguudhaaf carraan hin jiru turee (cf. 3:10; 4:22). Kun raawwatamuu raajii Kakuu Moofaa waa'ee masihichaa dubbatuu ture (Isa 35:6). Yihudoonni mallattoo barbaadu ture, yoo arguu ni danda'u ta'eef immoo Yesuus baay'ee hin fakkaannee ture.

Asitti dubbii dhugaa hin fakkaanne, garuu dhugaa ta'e waa'ee dhukkubsataa yeroo hundumaa balbala mana qulqullummaa dura taa'uu argina.

Dhugaatti namni akkasii waaqeffannaatti akka hin hirmaanneef illee seerri dhowwu jira (luba ta'uu,k cf. Lew 21:16-24). Wangeelli guyyaa haaraa namaa kenna. Xa'aashii (daangaan qaama irratti hundaa'e hin jiru) biyya Itoophiyaa (daangaan sanyii irratti hundaa'e hin jiru) iyyoo mootummaa isa haaraa keessatti simatameera (cf. 8:2640).

▣ **"balbala miidhagaa isa jedhamu"** Iddoon itti argama balbala kanaa sirriitti hinbeekamu. Kunis balbala naasii warra Qoronxoos irraa hojjetame ta'uu danda'a (Flavius Josefas, *Autiq* 15.11.3; *Wars* 5.5.3). Balbalichi iddoo yaa'ii warra saba Waaqayyoo hint a'inii irraa gara iddoo yaamaa sana karaa bahaa irraan, gara gara ejjersaatti gara galee, naannoo gardaafoo Solomoonitti kan argamu ture.

▣ **"warra mana qulqullummaa dhaqan irraa horii ni kadhata ture"** kadhataadhaaf yookiin hiyyeessaaf kennuun wanta amantii Yihudootaa keessatti nama irraa barbaachisu keessaa tokko turee (cf. Mat 6:1-4; Luq 11:41; 12:33; HoE 10:2,4,31; 24:17). Yeroo baay'ee torban torbaniin mana sagadaa keessatti horiin walitti qabamee nyaannis qoodamaa ture. Garuu namoonni muraasni naannooma mana qulqullummaatti yeroo hundumaa ni kadhatu ture.

**MATA DUREE ADDAA: KENNAA HORII (RAKKATOOTAAF)**

I. Jechicha mataa isa
   A. Jechi kun amantii Yihudootaa keessatti dhalate (yeroo Macaafni Qulqulluu afaan Giriikiin barreeffame keessa)
   B. Kunis hiyyeessotaaf akkasumas/ykn warra dhabaniif kennuu agarsiisa.
   C. Jechi "horii kennuu" jedhu jecha Giriikii *eleēmosunē* jedhu kottoonfachiisuudhaan dhufe.

II. Yaada Kakuu moofaa
   A. Yaadni hiyyeessota gargaaruu barreeffamoota Musee durii keessatti ibsameera (uumamaa-keessa deebii)
      1. Addumatti yaadni kanaaf ta'u, 15:7:11
      2. "Qarmii", waan haamaan irraa hiyyeessaaf dhiisuu, Lew 19:9; 23:22; keessa deebii 24:20)
      3. "waggaa torbaffaa" oomisha waggaa torbaffaa hiyyeessi akka nyaatuuf dhiisuufii, Ba'u 23:10-11; Lew 25:2-7
   B. Yaadni kun barreeffama/hogabarruu ogummaa keessatti guddate (fakkeenyota filataman)
      1. Iyyoob 5:8-16; 29:12-17 (Hiyyeessota 24:11-12tti ibsaman)
      2. Far 11:7
      3. Fakk. 11:4; 14:21,31; 16:6; 21:3,13

III. Amantii Yihudootaa keessatti guddachuu isaa
   A. Kutaan jalqabaa barreeffama hiikaa Macaafa Qulqulluu dur barreeffamee, akkamitti hiyyeessota, rakkatootaa fi Leewwota warra kaan qabuun akkanama irra jiruu wajjin walqabata.
   B. Waraabbiiwwan filataman
      1. "akkuma bishaanni abidda boba'u dhaamsu, kennan horiis karaa ittiin cubbuudhaaf gaabbuu agarsiisanidha" ("Ecclesiasticus (akkasumas oggumm Been Siiraak 3:30 jedhamee ni beekamama, NRSV)
      2. "kennaa horii keetii akka qabeenya kee isa gati jabeessaati kaa'adhu innis badii hundumaa irraa si oolcha" (Ecclesiasticus" 29:12, NRSV)
      3. "warri dhugaadhaan deddeebi'an hojii isaanii hundumaan ni sooromu. Warra qajeellummaatti jiraatan hundumaaf" waan qabdu irraa horii kenniif, yeroo kennicha kennitus ija kee sassataaf hin ergina, ragaalfatin, fuulli Waaqayyoo si irraa hin garagaalu. "Qabeenya baay'ee yoo qabaatte, reeshoodhaan kennaa kee qopheessi; yoo xinnoo ta'es, hamma humna keetii kennuu hinsodaaatin. [9]Kanaafis ati guyya aitti barbaachisuuf qabeenya gati jabeessa gaarii ni kuufatta. [10]Kennaa kennuun du'atti nama hiika, duukanatti akka ati hin galleefis si eega. [11]Kennaa dhugaan, warra godhan hundumaaf kan isa irra caalu akkuma jirutti ta'ee, aarsaa baay'ee gaariidha" (Tobit 4:6-11, NRSV)
      4. "[8]Soomaan kadhachuun gaariidha, garuu kana lamaan irra iyyuu kan caalu qajeellummaadhaan kenna akennuudha. Qajeellummaadhana xiqqoo qabaachuu badhaadhiummaa jal'inaan argamu irra ni caala." Warqee kuusuu irra kennaa kennuun ni caala. [9]Kennaa kennuun du'a nama ni oolcha, cubbuu hundumaa irraas nama ni qulleessa. Warri kennan kennaan jireenya guutuu ta'e gammachuudhaan ni jiraatu" (Tobit 12:8-9, NRSV)
   C. Waraabbiin dhuma irratti Tobit 12:8-9 irraa fudhatame rakkoo jiru agarsiisa. Hojiin namaa/gaarummaan namaa dhiifama argachuu fi jireenya irraa hafaa qabaachuuf akka karaatti ilaalamaa turan.

      Yaadni kun Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii keessatti caalaatti guddatee argama, as keessa jechi Giriikii kennaa kennuu agarsiisu (*elemosunē*) qajeelummaa (*dikaiosunē*) dhaaf akka hiikaatti gargaaruu jalqabe. Jecha afaan Ibrootaa hesed jedhu hiikuudhaafis bakka walbu'anii gargaaruu danda'u (jaalalaa fi amanamummaa kakuu Waaqayyoo ta'e, cf. keess deebii 6:23:24:13; Isa 1:27; 28:17; 59:16; Dan 4:27).

D. Gargaarsi namni namaaf godhu asitti namni tokko jireenya irraa hafaa akka qabaatuu fi du'a booddee immoo fayyina argachuudhaaf kaayyoo isaan keessa jiru ta'eera. Akka barsiisa amantiitti jedha dugda duuba jiru caalaa gochichi mataa isaatiin waan hunda caala. Waaqayyoo laphee ilaalee hojii harka namaatti murteessa. Kun barsiisa abbootii amantii ture, garuu dhuunfaatti nama irraa qajeelummaan barbaadamuu isaa irraa kan ka'e hanga tokko hir'achaa dhufe (cf. Miik. 6:8).

IV. Deebii akka Kakuu Haaraatti jiru

A. Jechichi kan itti argamu
1. Mat 6:1-4
2. Luq 11:41; 12:33
3. HoE 3:2-3; 10:2,4,31; 24:17

B. Yesuus lallaba isaa garaa irraa keessatti (cf. Mat. 5:7) Waa'ee hubannaa Yihudaanni qajeellummaa irratti qabanii (cf. II Klement 16:4) haala wantoota armaan gadii agarsiisuun dubbateera.
1. Kennaa horii
2. Sooma
3. Kadhannaa

Yihudoonni muraasni hojii isaaniittiin amanamoo turan. Hojiiwwan kun fedha yookiis qajeelummaa dhuunfaa irraa utuu hin ta'in jaalala Waaqayyoof qaban, dubbii isaa fi obboleessaa fi obboleettii ta'uu irraa kan maddudha! Ol of gurguddisuu dhiisuunii fi iccitii qabachuun qajeelfama hojii gaariiti. Lapheen akkasii murteessaadha. Waaqayyo laphee namaa jijjiiruu qaba. Lapheen haaraan kun Waaqayyoon kan fakkaatudha!

**3:3** Jalqabatti fedhi namichichaa maallaqa ture (cf. V.5).

**3:4 "ijaan isa qaban"** Barreeffama 1:10 irra jiru ilaali.

▣ **"nu ilaali!"** Isaan yaadni isaa guutummaatti isaanii wajjin akka ta'u barbaadan (blepō) inni jedhu AJAJA agarsiisa.

**3:5** Ergamoonni maallaqaan badhaadhoo hin turre, garuu kennaa hafuuraa Waaqayyo biraa dhufu qabu ture (cf. lakk 6)

**3:6 "maqaa Yesuus Kitistoos nama Naazireetiin"** "Maqaan" inni jedhu jechama Ibrootaa eenyummaa nama tokkoo agarsiisudha (cf. Luq 9:48, 40; 10:17; 21:12,17; 24:47). Kun nama kana naasiseera ta'uu qaba. Yeroo dhiyoo keessa Yesuus itti murteeffamee fannifamee ture, inni isa namni keessummaan kun (Pheexiroos) "Masihicha" ("Kiristoos", hiikaa afaan Giriikii kan ta'e) jedhee waamaa turedha.

▣ **"nama Naazireet"** Mata duree addaa 2:22 irra jiru iaali.

▣ **"adeemi"** Kun AJAJA ENNAA AMMAA agarsiisa. Pheexiroos fi Yohaannis akkuma Yesuus carraa argatanitti dhimma ba'anii jaalalaa fi humna Waaqayyoo agarsiisanii ergaa wangeelaas mirkaneessan (cf. lakk 9). Fayyisuun kun qalbii Waaqeffattoota Yihudootaa hawwate (cf. Lakk 12ff 3:7) Kun barreeffama taateewwan walqabatan baay'een ijaan qabatamaatti argamanii dhugaa ba'amuu isaanii ibsudha. Nama achi turetu jechoota ciccimoo,di-fageenya qabanii Luqaasitti hime.

▣ **"achumaanis (battalumatti)"** Kun jecha Giriikii *parachrēma* jedhamudha. Luqaas wangeela isaa keessatti yeroo kudhan, Hojii Ergamootaa keessatti immoo yeroo ja'a (cf. 3:7; 5:10; 12:23; 13:11; 16:26,33) gargaarameera. Maatewos keessati yeroo lama gagaaruu isaa irraa kan hafe Kakuu Haaraa keessatti iddoo kamitti iyyuu hin argamu. Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii keessatti yeroo baay'ee gargaareera. Luqaas yeroo

baay'ee (jechamootaa fi jechoota Kakuu Moofaa afaan Ibrootaa irraa afaan Giriikiitti hiikame kana keessaa gargaarama. Inni nama Kakuu Moofaa sirriitti beekuu ta'uu qaba. Kanaas hariiroo ergamaa Phaawuloosii wajjin qabu irraa yookiis immoo gaaffii fi deebii miseensa ta'uu isaanii dura kiristiyaanotaaf dhi'aatu irraa bare ta'uud anda'a.

**3:8 "ka'ee ijaajjee"** Namichi kun guutummaa kutaa mana qulqullummaa kanaa keessa adeemuu jalqabe. Oduu gaariitti hirmaachuuf kun carraa akkamiiti!

**3:10** Isaan namicha kana beeku turan (isa hubachuu jalqaban). Inni keessummaa yookiis daawwataa hin turre. Isaan guyyaadhaa gara guyyaatti balbala irratti isa arganii biras darbaa turan! Garuu, bakka bu'oonni Yesuus birra hin darbine, humna gaafa pheenxeqoosxeetiin hojjetan malee!

▣ **"tajaajilanii (guutumanii)"** Luqaas jecha kana yeroo baay'ee fayyadama. Namoonni waan baay'eedhaan "guutamuu" danda'u (amala ittiin beekaman)

1. aarii, Luq. 4:28; 6:11
2. sodaaa Luq 3:26
3. hinaaffaa HoE 5:17; 13:45
4. waca HoE 19:29
5. dinqisiifachuu fi raajeffachuu HoE 3:10
6. Hafuura Qulqulluu, Luq 1:15,41,67; HoE 2:4; 4:8,31; 9;17; 13:9 Pheexiroos fi Yohaannis warri raajeeffatan kun (inni qalbii isaanii argatee ture) wangeelaan akka guutaman barbaadan!

▣ **"raajeffatan"** Kunis barreeffamoota Luqaas keessatti waan baramedha.

1. ajaa'ibsifachuu, *thambos*, Luq 3:6; 5:9; HoE 3:10 fi *ekthambos* 3:11 keessatti
2. raajeffachuu
   a. *ekstasis*, Luq 5:26; HoE 3:10; 10:10; 11:5; 22:17
   b. *existēmi* Luq 2:47; 8:56; 24:22; HoE 2:7, 12; 8:9,11; 9:21; 10:43; 12:16

Jaalallii fi hojii Waaqayyoo yeroo hundumaa nama raajjeeffachiisa (jechoonni Giriikii kun Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii keessatti sodaa fi ulfina Waaqayyoo agarsiisuudhaaf gargaaru, (cf. Uma 15:12; Ba'u 23:27; Kees Deebii 28:28).

**BARREEFFANA BASB (KAN FOOYYA'E): 3:11-16**

**[11]Yeroo namichi Pheexiroos fi Yohaannis biraa hafuu dide sanatti, namoonni hundumtuu dinqifachaa gara isaaniitti, gara jalgala mana qulqullummaa isa "Gardaafoo Solomoon" jedhamuutti fiigan. [12]Pheexiroos yommuu *kana* arge jaraan, "Yaa namoota Israa'e, maaliif kanatti dinqifattu? Akka waan nu'i humna keenyaan yookiis qulqullummaa ofii keenyaan isa adeemsifneettis, maaliif fajajjanii nu ilaaltu? [13]Isiin, yesuusin Philaaxoositti dabarsitanii laattan; yeroo inni isa gadi dhiisuuf murtoo godhettis, fuula yaa'ii isaa dura dhaabatanii *isa* gantan; Waaqayyo inni kan Abrahaam kan Yisihaaq akn Yaaqoobis, Waaqayyo abaabilii keenyaa, garuu hojjetaa isaa kana ol ol qabeera. [14]Yesuus qulqulluu fi qajeelaa ture; isin garuu isa gantanii, nama gumaa akka isinii hiikuuf Philaaxoosiin kadhatan. [15]Isa namoota gara jireenyaatti geessus ajjeeftan, Waaqayyo immoo du'aa isa kaase, kanaafis nu'i dhuga baatuudha. [16]Humna maqaa Yesuustu, maqaa *isaattis* amanuutu, namicha naafa isin argitanii fi beektan kanaaf jabina kenne; amantiin Yesuusin kenname immoo, fuula hundumaa keessanii duratti fayyaa guutuu kenneef.**

**3:11 "yeroo namichi Pheexiroosii fi Yohaannis biraa hafuu dide"** Akka ani yaadutti inni akkuma Maariyaam iddoo awwaalaatti Yesuusiti mararfamteetti Pheexiroositti mararfame (cf. Yoh. 20:16-17).

▣ **"gardaafoo Solomoon"** Kun iddoo bal'aa karaa baha iddoo yaa'ii warra saba Waaqayyoo hin ta'iniin jirudha (cf. Josefusiin kan barreeffame, *Antiq* 20.9.7). Baxiin isaa utubaa baay'eedhaan kan deggarame ture. Maqaa isa

kanas kan argate bu'uurri mana qulqullummaa Solomoon durii akka waliigalatti iddoo sanatti waan argamuuf tare Yesuus yeroo baay'ee achitti barsiisee ture (cf. Yoh. 10:23).

**3:12 "Pheexiroos yommuu kana arge"** Isaan ajaa'ibsiifannaa fi fedha guddaa sabni sun qabu arganii wangeela hiruutiidhaaf carraa kanatti dhimma ba'an (waldaa haaraa sanaaf lallaba lammaffaa)

▣ **"yaa namoota Israa'el"** Pheexiroos kana 2:22 keessatti isaanii jedhee ture. Pheexiroos amma iyyuu Yihudootatti dubbachaa jira.

▣ **"maaliif…maaliif"** Pheexiroos maaliif dinqii fayyisuu ta'een akka isaan ajaa'ibsiifaman gaafate. Yesuus jireenya isaa torbanoota dhumaa keessa dinqiiwwan kana fakkaatan hin hojjenneeree?

Akkasumas, akka waan isaan hojjetaniitti maaliif baay'ee ajaa'ibsiifatanii Pheexiroosii fi Yohaannisiin ilaalu? Kun mallattoo amanamummaa wangeelichaa fi masihicha isa du'aa kaafamee ture.

Hafuurri Qulqulluun dinqii kana sababa baay'eedhaaf hojjete.

1. geggeessummaa Pheexiroosii fi Yohaannis mirkaneessuudhaaf
2. nama dadhabaa saan gargaaruudhaaf
3. Yihudoota mana qulqullummaa turan saan dhuga baatuu gochuudhaaf

**3:13 "Waaqayyo inni kan Abrahaam, kan Yisihaaq kan Yaaqoob"** Kun tajaajillli Yesuusii fi wangeelichi qabatamaatti Waaqa kakuu fi saba kakuu, Kakuu Moofaa wajjin akka walqabatee jiru agarsiisa (cf. Ba'u 3:6,15; Luq 20:37).

Kiristiyaanummaan qaama amantii Yihudootaa keessaa akka tokkootti yookiin akka wanta amantii Yihudootaa irraa guddateetti ilaalamuu qaba. Yihudoonni bara kanaa akka dogoggoraatti ilaaluu danda'u, barreessitoonni Kakuu Haaraa garuu akka guutuu wanta ta'eetti ilaalu. Duuka-buutonni Yesuus fiixaan ba'umsa "Kakuu Haaraa" Erm 31:31-34 irratti kakatameeti. Israa'eel ergama biyya lafaaf mootummaa lubootaa ta'uu isheetii hin raawwanne (cf. Ba'u 19:5-6). Itti gaafatamummaan kun waldaadhaaf kennameera (cf. Mat. 28:18-20). Kaayyoon Waaqayyoo nama fakkeenya isaatti uumame karoorri tokkummaa isaa wajjinii inni jalqabaatti qabu akka fiixaan ba'uuf fayyisuudha. Waaqa tokko duwwaatu jira yoo ta'e (Waaqa tokkichatti amanuu), uumamni addaa hin jiru, hojjettoota karoora Waaqayyoo dhala namaa hundumaa wajjin qabu tajaajilan malee.

▣ **"ol ol qabeera"** Jechi kun karaa baay'eedhaan hubatamuu danda'a.

1. kallattiidhaan namichi naafti sun maqaa isaatiin fayyuu isaa yaada agarsiisu
2. yaada ijoo lallaba Pheexiroos Yesuus du'aa kaafamuu isaa fi ol ol qabamuu isaa agarsiisu.
3. yaada Kakuu Moofaa Yesuus masihicha isa dhufuuf jiru ta'uu isaa agarsiisu.
4. Wangeela Yohaannis keessatti Yesuus mataan isaa fannifamuu isaa agarsiisuuf jecha kanatti dhimma ba'eera (cf. 7:39; 12:10,23; 13:31-32; 16:14; 17:1)

**MATA DUREE ADDAA: ULFINA**

Akka Macaafa Quqlulluutti "ulfina" hiikuun ulfaataadha. Ulfinni amantootaa wangeela hubatanii Waaqayyo keessatti ulfina isaa qabanidha, garuu ulfina mataa isaanii miti (cf. 1:29-31; Erm. 9:23-24).

Kakuu Moofaa keessatti jechi afaan Ibrootaa baay'ee beekamaa ta'ee "ulfina" *(kbd)* jechuuf gargaaru jalqabni isaa jecha daladlaaa madaala walitti jiru lama ("akka ulfaatutti") agarsiisu irraa dhufe. Wanti ulfaataan gatii qaba ture yookiin immoo mataama isaatti gati-jabeessa yeroo baay'ee jabina Waaqayyoo ibsuudhaaf yaadni ifa jedhu itti dabalama ture (cf. Ba'u 19:16-18; 24:17; Isa 60:1-2). Inni kophaa isaa badhaadhaa fi kabajamaadha. Inni nama cubbamaa arguudhaaf (ilaaluudhaaf) dandeettii guddaa qaba (cf. Ba'u. 33:17-23; Isa 6:5). Waaqayyo dhugaatti beekamuu kan inni danda'u karaa Kiristoos duwwaadha (cf. Erm 1:14; Mat. 17:2; Ib. 1:3; Ya'iq. 2:1).

Jechi “ulfina” jedhu hanga tokko ifa miti. (1) “qajeellummaa Waaqayyoo” wajjin walfakkaachuu danda’a: (2) “Qulqullummaa” ykn “raawwatee sirrii ta’u “Waaqayyoo” agarsiisuu danda’a: ykn (3) bifa Waaqayyoo isa namni iff uumame agarsiisuu danda’a (cf. Uma. 1:26-24; 5:1; 9:6), garuu kun booddee hammeenyaan xureeffame. Kun jalqaba Ba’u 16:7,10; Lew 9:23; fi Lakk 14:10 keessatti yeroo adeemsa lafa onaa Waaqayyo saba isaa wajjin turuu isaa agarsiisuuf gargaare.

▣ **“hojjetaa Isaa”** Jechi “hojjetaa” (*pais* in the LXX) jedhu Kakuu Moofaa keessatti maqaa kabaja agarsiisuu kan Yaaqoobiif, Muuseedhaaf, Iyyaasuudhaa fi Daawitiif gargaareedha (cf. Far. 109; Luq 1:69). Jechi kun faaruu hojjetaa Macaafa Isaayyaas keessatti (jechuunis, 42:1-5; 49:1-7; 50:4-11; 52:13-53:12) (1) saba Israa’eliif (cf. 41:8-9; 42: 19; 43:10; 44:1:21; akkasumas LXX Luq 1:54) fi (2) Masihicha Waaqayyootiif (cf. 42:1; 52:13; 53:11) gargaareera. Ilaalcha waliigalaa fi dhuunfaa ta’uu isaa gidduu keessummaa faaruu isa dhuma keessa garaa garummaa ifa ta’etu jira (Isa. 52:13; 53:12). Akka galumsa isaatti kun saba Israa’el hin agarsiisu.

1. Sabichi firdii sana ni barbaada waan ta’eef isa yakka hin qabnee fi fayyina fidu ta’uu hin danda’u (cf. Isa. 53:8d)
2. Macaafni Qulqulluun hiikaa afaan Giriiki Isa 52:14 keessatti matima “si’ilin” jedhu gara matina “Isa” jedhuutti jijjiira (Lakk 15 keessatti). Hiiktoonni dhaloota Kiristoosiin dura turan (dh.K.D 250-150tti ta’uu danda’a) barreeffama kan akka waa’ee masihichaa dubbatuutti ilaalu ture.

Hojii Ergamootaa 3:13, 26; 4:27,30 keessatti *pais* inni jedhu Yesuusiin hojjetaa/masihii jechuudhaaf gargaare!

▣ **“Yesuus”** yommuu Yesuus mataa isaatti waamamu caalaatti namummaa isaa agarsiisa (cf. lakk. 6).

▣ **“isa inni gantan”** Isin inni jedhu kun xiyyeeffannaa agarsiisa! Du’a Yesuusiif ittigaafatamummaa kan fudhatu gegeessitoota Yihudootaa duwwaa hin turre (cf. lakk 17:2:23). Pheexirsoos addumatti deebii sabni sun Philaaxoos duratti kennan agarsiisuu isaati (cf. Luq 23:18-25). Warra kana keessaa muraasni achi turuu danda’u, Pheexiroos garuu sabni kun akka walii galaatti ittigaafatamummaa qabaachuu isaanii dubbata (cf. lakk 15). Sabni Waaqayyoo warri filatamoon (Yihudoonni) masihicha Waaqayyoo ganan.

▣ **“Philaaxoos”** Mata duree addaa armaan gadii ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: POHANXOS PHILAAXOS**

I. Namicha
   A. Iddoo fi yeroon inni itti dhalate hin beekamu.
   B. Toora tikfattootaa keessa kan ture (ummata Roomaa keessaa warra sadarkaa giddu galeessaa)
   C. Fudheera, ijoolleen isaa garuu hin beekaman
   D. Muudama bulchiinsa isa dirii sirriitti hin beekamne (kana keessaas baay’een jiraachuu qabu turan)
II. Eenyummaa isaa
   A. Ilaalcha gara garaa lama
      1. Fiiloo (“*Legatio and Gainum*”, 299-305) fi Josefas (*Antiq*. 18:3.1 fi “*Jewish Wars*” 2.9.2-4) akka abbaa hirree hamaa fi gara jabeessaatti ibsu.
      2. Kakuu Haaraa (wangeela, Hojii Ergamootaa) bulchaa warra Roomaa
   B. Paul Barnetti, “*Jesuus and the Rise of Early* Chiistranity” ful. 143-148 irratti ilaalcha lamaan kana irratti ibsa amanamuu danda’u kenna.
      1. Philaaxos bulchaa dh.k.b 26 keessa muudameee fi Yihudootaaf yaada gaarii nama qabu ture (cf. Fiiloo, “*Legatio and Gaium* 160-161), garuu Sejanasiin, Tiberios gorsaa Yihudootaaf yaada gaarii hin qabnedha.
      2. Aangoon Tiberios L.Aelios Sejanas isa eegduu isaa isatti dhi’aatu ture harka bu’e, innis teessicha dugda duubaan qabatamaatti nama aangoo qabu ta’ee warra Yihudootaas jibbe (Fiiloo, “*Legatoo land Garum*, 159-160).

3. Philaaxos Sejanasiin kan gorfamaa turee fi akka armaan gadiitti qalbii isaa hawwachuu nama yaalaa turedha (Sejanaan angafa Philaaxos ture).
    a. Qajeelfama warra Roomaa bulchitoonni biraan hin fidin gara Yerusaalemitti fiduudhaan (dh.k.b 26). Mallattoon Waaqa tolfamaa warra Roomaa kun warra Yihudootaa fate (cf. Josefasiin kan barreeffame, *Antiq* 18:31; "*Jewish Wars* 2.9.2-3).
    b. Saantima bifti Waaqeffannaa warra Roomaa irratti became hojjechiisuudhaan (dh.k.b 29-31). Akka Josefas jedhutti inni ta'e jedhee seeraa fi duudhaa Yihudootaa jijjiiruu yaalaa ture (cf. Josephas, *Antiq*. 18.4.1-2).
    c. Yerusaalem keessati nooraa ijaaruudhaaf horii buusii waldaa keessaa fudhachuudhaan (cf. Josefas, *Antiq* 18.3.2; "*Jewish Wars*" 2.9.3).
    d. Utuu Yerusaalemitti Faasikaatti aarsaa dhiyeesanii namoota galiilaa baay'ee fixuu isaatiin (cf. Luq. 13:12).
    e. Dh.K.B 31 keessa loltoota warra Roomaa gara Yerusaalem fiduudhaan. Heroodis guddichi isaani baasuudhaaf isa gaafatus hin dandeenye. Kanaaf isaan Tiberiosiif barreessanii akka isaan karaa galaanaa Qeesaariyaatti deebi'an gaafatan (cf. Fiiloo, "*Legatio and Gaium*, 299-305).
    f. Namoota Samaariyaa baay'ee amantii isaaniitiif aarsaa gochuudhaaf gaara Gerizim irratti (dh.K.b 36/37) haala suukanneessaadhaan goora'uudhaan. Kun immoo hoganaan Philaaxoos (Vitellios, bulchaa Sooriyaa) aangoo irraa isa buusee gara Roomaatti akka isa ergu taasise (cf. Josefas, *Antiq* 18.4.1-2).
    g. Sejanas dh.k.b 31 keessa muudamee Jiberios immoo aangoo guutuu argate; kanaaf #1,2,3 fi 4 yaada sefanas argachuudhaaf godhe ta'uu dadna'a. Lakkoofsi 5 fi 6 immoo yaada Tiberio argachuudhaaf ta'uu danda'a, garuu hin milkoofne.
    h. Mootiin Yihudoota deggeruu mo'uun isaa fi xalayaan seera qabeessi Tiberios irraa yihudootatti gaarrummaa akka agarsiisaniif bulchitootatti ergamuun isaa (cf. Fiiloo, "*Legatio and Gaium*", 160-161) geggeessitoonni Yerusaalem dadhabaa ta'uu siyaasa Philaaxos Yesuusin akka inni fannisiisu isa gochuudhaaf dhimma itti ba'an. Yaad rimeen Baarneet kun ilaalcha Philaaxos lamaan haala fudhatama qabuun walitti fida.

III. Booda Carraan isaa maal akka ture
   A. Tiberios du'uu isaa (dh.k.b 37) Roomaa ga'e.
   B. Irra deebi'ee hin muudamne
   C. Kana booddee waa'een jireenya isaa hin beekamu. Gara booddee keessa yaad rimeewwan hedduun kaa'amaniiru, garuu dhugaa qabatamaan hin jiru

▣ **"yeroo inni isa gad dhisuuf murtoo godhettis"** Kun isa Philaaxos yeroo sadii Luq 23:4, 14,22 keessatti "Ani nama kana irraa yakka tokko illee hin argannee" jedhu agarsiisa, akkasumas yeroo sadii isa gad dhiisuu yaaluu isaa (cf. Luq 23:16,20,22). Beektoonni baay'een akka amananitti Hojiin Ergamootaa bulchitoonni Roomaa Yesuusiin akka nama mootummaa isaanii irratti ka'eetti akka hinilaalle agarsiisuuf barreeffame. Philaaxoos waan ofii gochuu hin barbaanne geggeessitoota warra Yihudotaatiin dhiibamee raawwate.

**3:14 "Yesuus qulqulluu fi qajeelaa ture"** kun ifaan ifatti Yesuus yakka akka hin qabnee fi cubbuu akka hin qabne agarsiisa. Himannichi kan hundee hin qabne ture. Kun mogaasa biraa Kakuu Moofaa keessatti Masihichaaf kennamedha (cf. Isa 53:11; HoE 7:52; 22:14; Yoh. 6:69). Marq. 1:24; Luq 4:34 keessatti hafuurri hamaan Yesuus Qulqulluu Waaqayyoo jedhee waameera.

**MATA DUREE ADDAA: ISA QULQULLAA**
'inni Qulqulla'oon' kanneen armaan gadii agarsiisuuf ni fayyada.
1. Waaqayyo Abbaa (Kakuu Moofaa keessatti 'Qulqulla'oo kan Israa'el' jedhameera)

2. Waaqayyo Ilma (Marq. 1:24; Luq. 4:34; Yoh. 6:69; HoE 3:14)
3. Waaqayyo Hafuura Qulqulluu (mata duree isaa “Hafuura Qulqulluu” Yoh. 1:33; 14:26; 20:22)

HoE 10:38 irratti sadan Waaqni tokkichii dibata irratti hirmaataniiru. Yesuus dibamee ture (Luq. 448, HoE 4:17; 10:38). Bakka kanatti yaada amantoota hundaa walitti qabatu agarsiisa (1Yoh. 2:27). Inni dibamaan tokko kan dibame ta’e! Kun mormituu Kiristoosii fi mormitootaa irraa addaadha (1Yoh. 2:18). Kakuu Moofaa kana akka qaamaan zayitaa dibatanuun agarsiisa (Ba’uu 29:7; 30:25; 37:29). Warreen Waaqayyoon hojii addaa hojjechuuf fo’amaniif kan ta’u isaa agarsiisa (Raajoota, Lubootaa fi Mootoota) jechi ‘Kiristoos’ jedhu afaan Ibrootaatti ‘kan dibame’ ykn ‘Massihi’ jechuudha.

**MATA DUREE ADDAA: QAJEELLUMMAA**

“Qajeellummaan” mata duree murteessaa barataan Macaafa Qulqulluu gdi fageenyaan qo’achuu qabudha.

Kakuu Moofaa keessatti amalli Waaqayyoo/eenyummaan isaa “dhugaa” yookiin “qajeellummaa” jedhamee ibsameera. Jechi Mosopotaamiyaa mataan isaa leemmana galaanaa qajeelaa ta’uu keenyaanii yookiin dullaa ittiin ilaalaaf gargaaru irraa dhufe. Waaqayyo eenyummaa isaa fakkeenyaan ibsuudhaaf fo’ate. Inni srartuu qajeelaa wanti hundumtuu ittiin madaalamudha. Yaadni kun qajeellummaa Waaqayyoo akkasumas firdiidhaaf mirga inni qabu ibsa.

Namni akka bifa Waaqayyootti uumame (cf. Uma 1:26-27; 5:1,3; 9:6). Dhalli namaa Waaqayyoo wajjin tokkummaa uumuudhaaf uumame. Umamni hundumtuu hariiroo namaa fi Waaqayyootiif gulantaadha. Waaqayyo uumama isaa keessaa ol aanaa inni ta’e namni akka isa beeku, jaalalu, tajaajiluu fi isa fakkaatu barbaade! Ammanamummaan namaa ni qorame (cf. Uma. 3). Warri jalqabaa lamaanis qormaaticha ni kufan. Kuni immoo walitti dhufeenyi Waaqayyoo fi nama gidduu jiru akka addaan citu godhee (cf. Uma 3; Rom 5:12-21).

Waaqayyo hariiroo sana deebisuu fi suphuudhaaf kakuu gale (cf. Uma. 3:15). Kanas karaa fedha ofii isaa fi Ilma isaatiin raawwate. Namni kakuu cabe sana deebisee dhaabuu hin dandeenye (cf. Rom. 1:18; 3:20).

Kufaatii sana booddee, tarkaanfiin Waaqayyo kakuu sana deebisuudhaaf jalqaba fudhate yaada kakuu afeerraa isaa fi yaada garaa geeddarannaa, amantii fi amanamummaa dhala namaa irratti hundaa’e ture. Cubbuutti kufuu irraan kan ka’e, namoonni karaa sirrii irra adeemuu hin dandeenye. (cf. Rom 3:21-31; Gal 3). Hojii nama kakuu cabsee fayyisuu Waaqayyo ofii isaatiif jalqabuu qaba ture. Kanas akka armaan gadiitti raawwate.

1. Karaa hojii Kiristoos dhala namaa cubbamaa ta’e qajeelaa gochuu (Hojii qajeellummaa)
2. Karaa hojii kiristoosiin ilmaan namaaf qajeelummaa tola kennuu (qajeelummaa argachuu)
3. Hafuura isa qajeelummaa dhala namaaf kennu laachuu
4. Kiristoos fakkaattii Waaqayyoo keessatti deebisuu isaatiin (cf. Uma. 1:26-27) jireenya Eden keessaa deebisuu (walitti dhufeenya qajeelummaa)

Haata’u malee, Waaqayyoo deebii kakuu irratti hundaa’e barbaada. Waaqayyo tola namaa kenna, garuu dhalli namaa:

1. Qalbii jijjiirrannaadhaan
2. Amantiidhaan
3. Jireenyaan abboomamuudhaan akkasumas
4. Gidiraa keessatti jabaachuudhaan jiraachuu qaba.

Kanaafuu qajeelummaan walii galtee irratti kan hundaa’ee fi gocha Waaqayyoo fi uumama isaa isa guddaa gidduu jirudha. Kan inni hundaa’us amala Waaqayyoo, hojii Kiristoos, akkasumas gargaarsa hafuurichaa isa namni hundinuu dhuunfaatti akkasumas walitti fufiinsaan dhaga’ee deebii laachuu qabu irrattidha (deebii qajeelaa). Yaadichi “amantiidhaan mirkaneessuu” kan jedhudha. Yaadichi wangeelota keessatti kan mul’atudha, garuu jechoota kanana miti, yaadni kun adda durummaadhaan Phaawuloos, isa jecha Giriikii kan ‘qajeellummaa” jedhu bifa garagaaraatiin yeroo 100 fayyadameeen kan ibsameedha.

Phaawuloos, barsiisaa amantii leenji'e waan ta'eef, jecha *dikaiosunē* jedhu haal Ibraayisxiitiin akka SDQ isa Macaafa Quqlulluu afaan Giriikiitti, hogbarruu Giriikii irraa haal hin fudhatamnee ibsuu fayyadama. Barreeffamoota Giriikii keessatti jechichi nama yaada Waaqaa fi hawaasummaatti qabamee jiraatu wajjin kan wal qabatudha. Haala Ibraayisxiitiin yeroo hundaa haala walii galteetiin kan ijaaramedha.

YHWHn Waaqa haqaa, seeraa fi qajeelummaati. Inni sabni isaa akka amala isaa calaqqisiisan barbaada. Dhalli namaa dhiifamuu cubbuu argatee erga fayyee dhaloota haaraa ta'a. Haara'uun kun haala jireenyaa haaraa isa Waaqayyoon fakkaatutti nama geessa (kaatoolikiin Roomaa mirkaneeffannootti amanti). Israa'el lubootaan geggeeffamaa waan turteef, garaagarummaan yaada (miira) ummataa fi fedha Waaqayyoo gidduu jiru ifa hin turre. Gargaagarummaan kun Hibruu keessatti akkasumas jechoota Giriikiitiin kan inni ibsame "haqa" kan jedhu yaada ummataa yommuu ta'u, "qajeelummaa" kan jedhu immoo amantii akka ibsuttidha.

Wangeelli Yesuus Kiristoos (misiraachoon) dhalli namaa inni cubbuudhaan kufe Waaqayyo wajjin jiraachuudhaaf fayyina argachuu isaa kan ibsudha. Dubbiin ajaa'ibsiisaan Phaawuloos, Waaqayyo karaa Kiristoos, warra cubbamoota akka qajeelotaatti ilaaluu isaati. Kun kan inni raawwatamu immoo karaa jaalala, araaraa fi ayyaana Abbaa; jireenya, du'aa fi du'aa ka'uu ilmaa akkasumas karaa hojii hafuurichaa fi gara wangeelaatti nama harkisuu isaatiiti. Mirkaneeffannoon hojii tolaa Waaqayyooti, garuu Waaqayyoon fakkaachuu barbaachisa (yaada "Augustine" isa jijjiiramuudhaan bilisummaa wangeelaa fi irratti xiyyeeffatuu fi xiyyeeffannoo Kaatolikii Roomaa jireenya jijjiirame Isa kan jaalala fi amantii irratti). Warra jijiiramaaf sababa ta'aniif jechi "qajeelummaa Waaqayyoo" jedhu wanta qabatamaa yommuu ta'u (kunis ilaan namootaa warra cubbamoo Waaqayyo biratti kan fudhataman gochuu), warra Kaatoolikiidhaaf immoo yaada dhuunfaa kan adeemsa caalaatti Waaqayyoon fakkaachuuti (adeemsa keessa muuxannoodhaan wanta dhufu). Haala qabatamaadhaan lamaanuu sirriidha!!

Akka ilaalcha kootitti Macaafni Qulqulluun guutummaan isaa (Uma. 4- Mul. 20) galmee waa'ee Waaqayyo dhala namaa jireenyaatti deebisuuf duukaa bu'uu isaatiiti. Macaafni Qulqulluun kan inni jalqabu walitti dhufeenya haala lafarraatiin namaa fi Waaqayyo gidduu jiruun yommuu ta'u (cf. Uma. 1-2), kan inni dhumus haaluma kanaanidha (cf. Rev. 21-22).

Fakkaatii fi kaayyoon Waaqayyoo deebi'uuf jira!

Wantoota armaan olitti ibsaman galmeessuudhaaf barreeffamoota garee jecha Giriikii ibsan kanneen Kakuu Haaraa keessaa filaman armaan gadi ilaali.

1. Waaqayyo qajeelaadha (Yeroo baay'ee Waaqayyo abbaa firdii ta'uu isaatiin wal qabata)
    a. Roomaa 3:26
    b. 2Tasaloonqee 1:5-6
    c. 2Ximootiwoos 4:8
    d. Mul'ata 16:5
2. Yesuus qajeelaadha
    a. Ho'er 3:14; 7:52; 22:14 (Masihummaa kan agarsiisu)
    b. Maatwoos 27:19
    c. 1Yohaannis 2:1,29; 3:7
3. Haawwiin Waaqayyo uumama isaatiif qabu qulqullummaadha.
    a. Leewwota 19:2
    b. Maatewoos 5:48 (cf. 5:17-20)
4. Karaa ittiin Waaqayyo qajeelummaa kennuu fi uumu
    a. Roomaa 3:21-31
    b. Roomaa 4
    c. Roomaa 5:6-11
    d. Galaatiyaa 3:6-14
    e. Waaqayyoon kan kenname
        1. Roomaa 3:24; 6:23
        2. 1Qoronxoos 1:30
        3. Efesoon 2:8-9
    f. Amantiidhaan kan fudhatamu
        1. Roomaa 1:17; 3:22,26; 4:3,5,13; 9:30; 10:4,6,10

2. 1Qoronxoos 5:21

g. Karaa hojiiwwan Ilmaa

1. Roomaa 5:21-31
2. 2Qoronxoos 5:21
3. Filiiphisiyuus 2:6-11

5. Fedhii Waaqayyoo, duuka buutonni isaa qajeelota akka ta'anidha.
   a. Maatewoos 5:3-48; 7:24-27
   b. Roomaa 2:13; 5:1-5; 6:1-23
   c. 2Qoronxoos 6:14
   d. 1Ximootewoos 6:11
   e. 2Ximootewoos 2:22; 3:16
   f. 1Yohaannis 3:7
   g. 1Pheexiroos 2:24
6. Waaqayyo qajeelummaadhaan biyya lafaatti fardauuf jira.
   a. Ho'er 17:31
   b. 2Ximootewoos 4:8

Qajeelummaan amala Waaqayyoo isa karaa Kiristoos nama cubbamaadhaaf tola kennamedha. Innis

1. Labsii Waaqayyoo
2. Kennaa Waqayyoo akkasumas
3. Hojii Kiristoosi.

Kun Garuu akkasumas adeemsa qajeeloota ta'uu kan si'aa'inaan hordofamuu qabudha: Gaaf tokkos dhufaatii isa lammaffaa irratti fiixaan ba'uuf jira Walitti dhufeenyi namni Waaqayyoo wajjin qabu fayyinaan kan deebi'udha, garuu du'a booddee yookiin dhufaatii lammaffaa booddee jireenya jiruun kan guddatudha! Asitti waraabbii gaarii kan galmee jechootaa Phaawuloos (*Dictionary of Paul and His Letters*) IVP irraa fudhatame argina.

"Kaaliviin, Luutar caalaatti haala walitti dhufeenya Waaqayyo isa qajeelaa irratti xiyyeeffata. Qajeelummaan Waaqayyoo akka ilalacha Luutaritti haala yakka maleessummaa kan qabu fakkaata. Kalviin akkaataa qajeelummaa Waaqayyoo isa ajaa'ibsiisaa yokiin walitti dhufeenya inni nu wajjin qabu irratti xiyyeeffata" (fuula 834).

Akka ilalacha kootitti walitti dhufeenyi amantoonni Waaqayyoo wajjin qaban bifa sadii kan qabudha:

1. Wangeelli nama (xiyyeeffannoo waldaa Lixaa fi Kalviin)
2. Wangeelli dhugaadha (xiyyeeffannoo Augusxiinii fi Luutar)
3. Wangeelli jireenya jijjiiramedha (xiyyeefannoo waldaa Kaatoolikii Roomaa)

Kanneen kun hundinuu dhugaa yommuu ta'an kiristiyaanummaa fayya qabeessa, hiika kan qabuu fi Macaafa Quqlulluu irratti hundaa'eef wal duukaa jiraachuu (walitti qabamanii ilaalamuu qabu). Kana keessaa tokko yoo akka malee ol kaafame yookiin gadi buufamu, rakkootu uumama.

Nu'i Yesuusiin simachuu qabna!

Nu'i wangeelatti amanuu qabna!

Nu'i gara Kiristoosiin fakkaachuutti dhufuu (guddachuu) qabna!

▣ **"nama gumaa akka isiniif hiikuuf…kadhattan"** Baarnaabaas yakkamaa isa akka Yesuus ittiin hammeeffamee (yakka akka Yesuus ittiin hammeeffamee kan raawwate) mootummaa irratti kan ka'e ta'uun isaa wanta nama ajaa'ibudha (cf. Luq 23:18-19,23-25).

**3:15**

| | |
|---|---|
| **NASB,NKJV** | **"badhaasa jireenyaa"** |
| **NRSV,NIV** | **"isa gara jireenyaatti nama geessu"** |
| **TEV** | **"isa gara jireenyaatti nama geessu"** |
| **NJB** | **"luba jireenyaa"** |

**Moffatti** **"hundee jireenyaa"**

Maata dureen kun hiikawwan jecha *archēgos* jedhuu sadan keessaa tokko kan calaqqisiisudha: (1) hundee yookiin hundeessaa (cf. NRSV, Hib, 2:10; 12:2); (2) Uumaa (cf. Yohaannis 1:3; 1Qor 8:6; Qol. 1:16; Hib 1:2); yookiin (3) Isa dura bu'u, Abbaa firdii (cf. TEV, NEB, Mooffat, Ho'er 5:31. Jechichi "nama gumaa" kan jedhuu wajjin faallaa ta'uun isaa beekkamaadha (lakk 14).

**MATA DUREE ADDAA: GAGGEESSAA**

Jechii 'gaggeessaa' jedhu jecha Giriikii 'archegos' jedhamu irraa argame. Jecha hundee "jalqaba" jedhu irraa madde hiikni isaas 'deemuu' ykn 'geggeessuu' jedhama. Jechootin kunneen walitti dhufanii akka gaggeessuutti, bituutti, ykn bulchuutti (namootaa yk ergamoota) fayyaduu eegalani. Jechiichi Kakuu Haaraa qofa keessatti hojiirra oolee.

1. Abbaa taayitaa HoE 3:15
2. Gaggeessaa (HoE 5:21)
3. Fayyina keenya guutuu gochuuf Ibr. 2:10
4. Gaggeessaa ykn Dursaa Amantii Ibr. 12:2

Yesuus isa dursaadha, kophaasaadha akkasumas gollabaa fayyinaati.

▣ **"Waaqayyo immoo du'aa isa kaase"** Yeroo baay'ee Kakuu Haaraa keessatti Ilma kan du'aa kaase Waaqayyo abbaa ta'uu isaatu ibsama. Kunis mallattoo mirkaneeffannoo jireenya, barsiisaa fi du'uu Yesuusidha.

Akkasumas Kakuun Haaraan, qaamonni sadan tokkummaa sadanuu du'aa ka'uu Yesuus keessatti hojii kan qaban (qooda kan qaban) ta'uu isaanii mirkaneessa: (1) Hafuuricha (cf. Rom 8:11); (2) Ilma (cf. Yoh. 2:19-22; 10:17-18): fi (3) Abbaa (cf. Hoer 2:24,32; 3:15,26; 4:10; 5:30; 10:40; 13:30,33,34,37; 17:31; Rom. 6:4,9). Kun akka ti'ooloojii guddicha kan Kerygma'ti. Kun yoo dhugaa miti (cf. 1Qor 15:12-19).

▣ **"kanaafis nu'i *dhugaa* baatudha"** Kun (1) madda odeeffannoo jalqabaa irratti kan xiyyeeffatu; warri dhaga'an kun warra ijaan argan turan (cf. 2:22) yookiin (2) Ergamootaa fi Bartoota warra gita ol aanaa kan agarsiisu (cf. 1:22; 2:32). Haala hiika galumsaa isa lammaffaatiin gaariidha.

**3:16 "amanutu"** Jechi Giriikii "amantii" (*pistis*) jedhu afaan Ingiliziitti yommuu hiikamu "faith" "trust" yookiin "believe" jedhamuu hiikamuu danda'a. Inni deebiid halli namaa haalarratti hundaa'uudhana ayyaana Waaqayyoo isa haala irratti hin hundoofneef kennudha (cf. Efe. 2:8-9). Bu'uurri isaas amantoonni amanamummaa Waaqayyootti amanachuu isaaniiti (kunis, Amala Isaa, kakuuwwan Isaa, Misihii ta'uu isaa) yookiin amanamummaa Waaqayyootti amanudha! Wangeelotaa fi Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti yommuu fayyinni ta'u want agama hafuuraatiin (kunis kakuudhaan) ta'u galmeessuun ulfaataadha. Warri dhukkuba fooniitti fayyan <u>yeroo hundaa</u> hafuuraanis ni "fayyu" jechuun hin danda'amu (cf. Yohaannis 5).

**MATA DUREE ADDAA: AMANTII (PISTIS [Maqaa], PISTIVō [xumura] PISTOS [addeessa]**

A. Kun Macaafa Quqlulluu keessatti jecha baay'ee barbaachisaa ta'edha. (cf. Hib. 11:16). Kun dubbii ijoo lallaba Yesuus gara jalqabaa ture (cf. Marq 1:15). Yoo xinnaate ulaagaawwan kakuu lamatu jira: qalbii jijjiirrannaa fi amantii (cf. 1:15, Hoer 3:16,19; 20:21).
B. Itimooloojii isaa
   1. Kakuu Moofaa keessatti jechi "amantii" jedhu amanamummaa kana agarsiisu yommuu ta'u, amala Waaqayyoo kan agarsiisuudha malee amala keenya kan agarsiisu miti.
   2. Jecha Ibraayisxii kan (*emun, emunah*) jedhuu fi "waa'ee waan tokkoo jala muranii beekuu yookiin dhaabbataa ta'uu" jechuu ta'e irraa kan dhufedha. Amantiin nama fayyisu waliigaltee sammuuti (tuta dhugaa), jireenya safuuti (haala jireenyaa), akkasumas sadarkaa duraatti nama sanaaf dhimmamuu walitti dhufeenyaa (nama simachuu) fi aboo ofiiti.
C. Fayyadama Isaa kan Kakuu Moofaa

   Amantiin Abarahaam masihii isa gara fuula duraatti dhufuuf jirutti utuu <u>hin ta'in</u>, kakuu

Waaqayyoo isa waa'ee mucaa argachuu isaatiitti ta'uun isaa xiyyeeffannoo argachuu qaba (cf. Uma. 12:2; 15:2-5; 17:4-8; 18:14). Abarahaam Waaqayyotti amanuudhaan deebii late. Inni amma iyyuu waa'ee kakuu kanaa isa raawwatamuudhaaf waggaa kudha sadii fudhatuutiif sahkkii fi rakkoo qaba. Amatniin Isaa ini guutuu hin ta'in sun garuu Waaqayyoon fudhatama argate. Waaqayyo yoo kan hamma ija sanaa fi caageessu taate illee, nama Isaa fi kakuu isaatti amanuu wajjin hojjechuu ni barbaada (cf. Mat. 17:0).

D. Fayyadama Isaa Kakuu Haaraa keessatti jechi "amanan" jedhu jecha Giriikii (*pisteuō*) jedhu irraa kan dhufedha. Fakkeenyaaf, maqichi wangeela Yohaannis keessa hin jiru, garuu yeroo baay'ee xumurichatu fayyadama. Yohaannis 2:23-25 keessatti ummanni sun Yesuus Kiristoos nama Naazireet Masihichatti dhimmanii amanuun isaanii (dhugaatti amanuun isaanii) hin beekamu. Fakkeenyi biraan kan jechi "amanuu" jedhu haala asumeedhaan fayyaduu isa agarsiisu immoo Yohaannis 8:31-59 fi Hoer 8:13,18-24ti. Amantiin dhugaan inni Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'e, jalqaba amanuu irra kan darbudha, kun jireenya walitti fufiinsa qabuun hordofamuu qaba. (cf. Mat. 13:20-22, 31-32).

E. Faayidaa IsaaMASSANXOOTA wajjin
   1. Afaan Ingiliziitti 'eis' kan jedhu "tti" (into) jechuu agarsiisa. Ijaarsi kun, Amantoonni amantii Isaanii Yesuus irra kaa'achuu isaanii cimsee kan ibsudha.
      a. Maqaan Isaatti (Yoh. 1:12; 2:23; 3:18; 1Yoh. 5:13)
      b. Istti (Yoh. 2:11; 3:15,18; 4:39; 6:40; 7:5,31,39,48; 8:30; 9:36; 10:42; 11:45,48; 17:37,42; Mat. 18:6; Hoer 10:43; Fil. 1:29; 1Phex 1:8).
      c. Anatti (Yoh. 6:35; 7:38; 11:25,26; 12:44,46; 14:1,12; 16:9; 17:20).
      d. Ilmichatti (Yoh. 3:36; 9:35; 1Yoh. 5:10)
      e. Yesuusitti (Yoh. 12:11; Hoer 19:4; Gal. 2:16)
      f. Ifichatti (Yoh. 12:36)
      g. Waaqayyotti (Yoh. 14:1)
   2. 'en' jechuun "tti" jechuudha (akka Yoh. 3:1, Marq 1:15; Hoer 5:14 keessatti)
   3. '*epi*' jechuun "tti" jechuudha (akka Mat 24:42; Hoer 9:42; 11:17; 16:31; 22:19; Rom. 4:5,24; 9:33; 10:11; 1Xim. 1:16; fi 1Phex. 2:6 keessatti arginuti)
   4. Gal. 3:6; Hoer 18:8; 27:25; 1Yoh. 3:23; 5:10 keessatti maxxantuu malee kan barreeffame
   5. *hoti*, kan jedhu "amanuu" jechuu yommuu ta'u, maalitti amanuu akka qabnu nu hubachiisa.
      a. Yesuus Quqlulluu Waaqayyooti (Yoh. 6:69)
      b. Yesuus Isa 'Ani ' jedhu jedhadha (Yoh. 8:24)
      c. Yesuus Abbaa keessa jira, abbaanis isa keessa jira (Yoh. 10:38)
      d. Yesuus Masihicha (Yoh. 11:27; 20:31)
      e. Yesuus Ilma Waaqayyooti (Yoh. 11:27; 20:31)
      f. Yesuus Abbaadhaan ergame (Yoh. 11:42; 17:8,21)
      g. Yesuus Abbaa wajjin tokkodha (Yoh. 14:10-11)
      h. Yesuus Abbaa biraa dhufe (Yoh. 16:27,30)
      i. Yesuus akka Abbaadhaan abdachiifametti ofii isaa "Ani" jedhee waama (Yoh. 8:24; 13:19)
      j. Nu'i Isaa wajjin jiraanna (Rom 6:8)
      k. Yesuus DU'EE DEEBI'EE DU'AA KA'E (1Tass. 4:14)

▣ Garri lammaffaan inni lakk 16 irra jiru haala waltarreedhaan kan ibsamedha, kanaafuu hogbarruu ogummaa hibruuti.

1. a. "Maqaa Yesuus"
   b. "nama kana fayyise"
   c. "Isin argitaniittu, beektus"
2. a. "Amantii isa karaa isaa dhufe"
   b. "Fayyummaa guutuu kana isaaf kenne"
   c. "Utuu hundi keessan argitanii"

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 3:17-26**

[17]**"Ammas yaa obboloota nana, isin, Warri isin geeggeessanis, waan gootan hudnumaa utuu hin hubatin akka gootan, anuu beeka.** [18]**Waaqayyo garuu bara baay'ee dura, masihiin isaa akka dhiphatu, afaan raajota hundumaan dubbatee kan ture, akka kanatti akka raawwatamu godha.** [19]**Egaa yaada gara keessanii eddaradhaa, inni cubbuu keessan akka isiniif haxaa'utti gara Waaqayyootti deebi'aa.** [20]**Waaqayyo yeroo itti hafuurri keessan haareffamu akka isiniif fiduuf, Yesus Mashicha, isa duraan dursee isiniif qopheessee tures, akka isiniif erguuf deebi'aa!** [21]**durumaa jalqabee Waaqayyo afana qulqulloota raajota isaatiin dubbachaa kan ture raawwate, hundumaa *hamma* iddootti deebisutti garuu, Yesuus Waaqa irra turuutu isaaf ta'a.** [22]**Museen iyyuu, 'ANAAN AKKUMA KAASEE WAAQAYYOO GOOFTAAN KEESSAN OBBOOLOTA KEESSAN RAAJII TOKKO ISNIIF NI KAASA; waan inni isinitti HIMU HUNDUMAA DHAGGEEFFACHUU dhaggeeffachuun isin irra jira;** [23]**Namni raajii sana hin dhaggeeffanne hundinuu garuu, saba sana keessaa ni balleeffama jedhee ture.** [24]**Raajonni Saamu'eelii jalqabanii ka'anii fi dubbatan hundinuu, Waa'ee bara kanaa labsaniiru.** [25]**Raajonni kan dubbatan isiniif; Kakuu Waaqayyo abaabiilii keessaniif dhaabe keessaas ni hirmaattu; Abarahaamiin, 'ijoollee ijoollee keetiin sabni biyya lafaa irraa hundinuu ni eebbifamu' jedhee ture.** [26]**Kanaafis Waaqayyo karaa keessan isa hamaatii hundima keessaan deebisuudhaan *isin* eebbisuudhaaf, hojjetaa isaa kaase, duraan dursas isinitti erge" jedhe.**

**3:17 "utuu hin hubatin akka gootan, anuu beeka"** Kun jechoota Yesuus kan fannoo irra akan calaqqisiisudha (cf. Luq 23:34). Haata'u malee utuu hin beekin yoo ta'e iyyuu, namoonni kun ittigaafatamummaa hafuuraa qabu turan! Karaa tokko tokkoon dhiifamni kun karaa ittiin namoonni akka ittigaafatamummaa ofii isaan fudhatnaiif gargaaramanidha (cf. 13:7; 17:30; 26:9; 1Qor 2:8). Yaada kana irratti ibsa gaarii argachuudhaaf, Millard Erickson, *Christian Theology*, 2nd. Fuula 583-585 ilaali.

▣ **"warri isin geggeessanis"** Luqaas yeroo baay'ee ummataa fi geggeessitootaa gargara baasuudhaan ibsa (cf. Luq. 7:29-30; 23:35; Hoer 13:27; 14:5). Kana gochuun kan barbaachiseef, gartuun lamaanuu ittigaatamummaa qabaachuu isaanii agarsiisuufidha. Yeroo baay'ee Yesuus Yihudoota hundumaa walitti qabaatti utuu hin ta'in, geggeessitoota isaanii warra seeraan alaa (kunis, warra hidda Aaroon irraa hint a'in) itti gaafatamtoota gochuu isaatu hubachiifama. Mukti harbuu sun abaaramuun isaa (cf. Marq 11:12-14; 20:24) akkasumas fakkeenyi waa'ee dhaabaa wayiniitiif dubbatame (cf. Luq 20:9-18), amantii Yihuudootaa kan jaarraa tokkoffaa yookiin geggeessitoota isaa qofa itti gaafatamtoota kan godhu ta'uu isaa beekuu ulfaataadha. Luqaaas lamaanuu ittigaafatamtoota ta'uu isaanii kan agarsiisu fakkaata!

**3:18 "bara baay'ee dura…dubbatee"** wangeelli yaada Waaayyoo wajjin gara boodaatti dhufe utuu hin ta'in, karoora isaa kan bara baraa fi kaayyoo isaati (cf. Uma. 3:15; Mar 10:45; Rom 132; Tas. 2:22; Hoer 2:23; 3:18; 4:28). Lallaboonni Macaafa Hojii Ergamootaa (*kerygma*) keessa jiran warri gara jalqabaa, Yesuusiin fiixaan ba'umsa kakuuwwaniifi raajiiwwan Kakuu Moofaa keessaa godhanii dhi'eessu.

Lakkoofsoota kana keessatit bifoota *Kerygma* (kunis bifa ti'ooloojii guddicha kan lallaboota Macaafa Hojii Ergamootaa) baay'eetu ibsame.

1. Yesuusitti amanuun barbaachisaadha
2. Eenyummaa fi hojiin Yesuus raajota Kakuu Moofaatiin raajiin dubbatameera
3. Masihichii dhiphachuun ni ta'aaf
4. Isaan yaada garaa geeddarachuu qabu
5. Yesuus deebi'ee ni dhufa

▣ **"Waaqayyo afaan raajotaatiind uraan dursee dubbateera"** Yesuus raajii bara Kakuu Moofaa fiixaan baase (cf. 4:34; Mat 5:17-48). Yesuus ofuma isaatii karaa imaahus irratti lamaanittuu (cf. Luq. 24:13-35) raajiiwwan Kakuu Moofaa isaan dhiphina, du'aa fi du'aa ka'uu isaatiin wal ilaallatu isanaitti mul'iseera. Isaanis, is akana ergamoota warra isa kana qaama lallaba isaanii godhatan waliin qooddataniiru. Mata duree addaa ilaali. Raajii KH 11:27.

▣ **"Kisistoos"** Inni kun Afaan Ibraayisxii irra Giriikiitti kan hiikame "Masihi" isa dibame jechuudha. Innis kan mul'isuu isa addaati hojii Waaqayyoo raawwatu jireenyaa fi du'a isaatiin gara qajeelummaa bara haaraa fi afuura bara Kakuu Haaraatit ceesisudha.

▣ **"dhiphina"** Inni kun caaffata Kakuu Moofaa hedduu keessatti ibsameera (cf. Uma. 3:15; Far 22; Isa 53). Dhiphinni Masihichaa kun wanna Yihudoota raajeffachiisedha (cf. 1Qor 1:23). Isaan jeneraala isa humnaan to'annaa jala oolfatu eegaa turan (cf. Mul. 20:11-16). Inni kun xiyyeeffannaa Paawulosiin (f. Her 17:3; 26:23) akkasumas kan Pexiroosiin (cf. 1Phe. 1:10-12; 2:21; 3:18).

**3:19 "yaada garaa geeddaratanii deebi'uu"** jecha Giriikii kan ta'e "yaada garaa geeddarannaa" jechuun jijjiirama, sammuuti. Inni kun hiika haalaan barbaachisaa Rurist hiika *metanoeō*ti. Jecha Hebraayisxii kan ta'e yaada garaa geeddarannaa jechuun "jijjiirama hojiiti" ("deebi'uu" *emistrophō*) 'deebi'uu' '*shub*' isa jedhu jecha Ibraayisxiin ibsuu ni danda'a (cf. Seera Lakk 30:36; Kess 30:2,10). Septuagist ibsutti barbaachisaadha (cf. Marq. 1:15 fi HoE 3:16,19; 20:21). Yaada garaa geeddarannaan waan irra hin ce'amnedha fi barbaachisaadha (cf. Luq. 13:3 fi II Phex. 3:9). Innis bu'uramaan jijjiiramaaf of kennuudha. Yaada garaa geddaannaa murtoo fedha namaa fi kennaa Waaqayyooti (cf. Acts. 5:31; 11:18; 2Tim 2:25). Mata duree addaa 2:38 ilaali.

▣ **"cubbuun qulleeffamuu ni danda'a"** Ibsi kun "haquu" jechuudha. "Iraanfachuu", ykn "iraa haxxa'uu" (cf. Qol. 2:14; Mul 3:5; 7:17; 21:4). Kakuu akkamiiti! Addunyaa duatti keessatti halluun asiidii tue; kanaafis hagamuu hin danda'u ture. Inni kun dinqii ayyaana Waaqayyoo isaa dhugaati (cf. Far. 51:1; 103:11-13; Isa 1:18; 38:17; 43:25; 44:22; Er. 31:34; Mik. 7:19). Waaqayyo yeroo dhiisuu ni irraanfata (ni haqa)!

▣ **"yeoo of haaromsuu"** Jechi Giriikii (*anapsuchō, anapsuxis*) bu'uuruma kaaa afuura baafannaa, ofi hiikuu, haaragaalfii (Baker Arndt, Gingrich, and Danker, Hiika *Giriik Ingiliffaa* Fuula 63) qilleensaan haaragaalfachuu "ykn" madaa qilleensaan yaaluu *(kitlle, kuusaa jechoota tiyooloojii Kakuu Haaraa* hidhaa 9, F. 663). Hiikni dabalataa haaragaalfii ykn haaromsa qaamaa fi afuuraati.

Septuagist waraana booda cimina qaamaa deebisanii argachuudha (cf. Kes. 23:12; Jdgs 15:19; 2Sam. 16:14). Ykn akka 1Sam. 16:23tti boqonnaa miira jabaati.

Waabiin Pheexiroos abdii baa Kakuu Moofaatiin walfakkaata. Babal'inni saba lafa onaa birmadummaa fi gammachuun akkuma beekamu, bakkeen cufaan mallattoo dhiphinaa fi jeequmsaati. Waaqayyo yeroo hojii afuuraa bal'aa boqonnaa qabu fiduuf jira Gochaaleen amantii fayyisu dhalateera jedhu wangeela keessatti mul'ateea. Yeroon haaragaalfii Yesuus nama Naazieetiin dhufeera. Haata'u malee faayidaan dhufuuf jiru bara hafuuraa isa haaraa fiduuf jira. Galumsa adda ba'e kana keessatti Pheexiroos waa'ee dhufaatii lammaffaa ibsa. Gaaleen kana jechuun yeroo haaromsaatii walqixa fakkaata (V.21). Kerigmaa irratti mata duree addaa ilaali 2:14.

**3:20 "Inni Yesuusiin erguu danda'a"** Inni kun ibsa ADRISITT isa cimaadha karoora fuulduratti raawwatamu ibsudha. Gama tokkoon gochaaleen dhaggeeffattoota Pheexiroos, yeroo tajaajila afuuraa murteesseera (cf. F.F.Bruce *Gaaffii fi deebii* bakka HoE 3:19:21; Rom. 11:25-27, waliin wal qabsiisetti Fula 201).

'Yesuus' adda ta'ee Kiristoos/Masihi waliin dhiyaachuu Pheexiroos addumatti masihummaa Yesuus nama Naazireet ibsuu barbaadeeti. Boodas Kakuu Haaraa keessatti "Gooftaa" "Yesuus" "Kiristoos" Yesuusiif ibsa ta'ee yeroo baay'ee ni mul'ata, (kana jechuun Yesuus Kiristoos mata-duree masih caalee mul'ata. Inni kun caalmaatti waldaalee Ormootaa keessatti addatti ni mul'ata.

▣ **"Kiristoos isa siif kenname"** Inni kun fudhannaa isa dhugaa waliin deema jechumti kun isa 10:41; 22:14; 26:16 keessatti kan ibsame isa Waaqayyo jalqabuma jalqabee filate ibsuuf fayyada. Dhufaatii fi du'uun Yesuus yeroo mara karoora Waaqayyoo isa baa baraa ta'ee jira (cf. 2:23; 3:18; 4:28; 13:29).

Septuagint keessatti jechi kun filannoo ibsaa, garuu beekumsa dursee argamee of keessaa hin qabu (kunis Luqaasiif "dura" jechuun kan durse, cf. Kes 4:13 fi Iya. 3:12 jechuudha, inni kun HoE keessatti itti fayyadama jecha kanaa mul'inatti agarsiisa. Kun sirriitti kan mul'isu Yesuus ergamuun isaa filannoo eebbaa fi araara Waaqayyooti.

**3:21**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"Waaqa irratti simatamuun isaaf ta'a"** |
| **NRSV** | **"Waaqarra turuun isaaf ta'a"** |
| **TEV, NIV** | **"Inni Waaqarra turuu qaba"** |
| **NJB** | **"kan Waaqni tursuun ta'uuf"** |

Matimni gaalee kanaa "Waaqa" antimniamoo "isa" innis Yesuus). Gaalicha keessa xumuraalee lamatu jira. Kan jalqabaa *deō* irraa kan madde '*dei*' kana jechuu 'babaachiisaa' ykn "Inni sirriidha"

Inni lammaffaa Aorist bu'uura gidduu galeessa 'dechomaj' xiinxalli hiika Giriikii, Harold K. Moulton, inni keessa deebiin akka jedhutti galumsa kana keessatti ofitti fudhachuu fi qabachuu" jechuudha (p.88). Hiikni Ingiliffaa kallattii galumsaatiin hagam ol ka'aa akka ta'e ilalauu ni dandeessa. Luqaas barreessitoota Kakuu Haaraa kamiyyuu caalaa jecha kanatti fayyadama. Luqaas keessatti yeroo 13, HoE keessatti yeroo 8. Jechoonni bu'uuraa fi seenaa dhufaatii isaaniitiin otuu hin ta'iin galumsa isaaniitiin hiikamuu qabu. Guubooleen jechootaa (hiikni) itti fayyadama qofaa ibsu. Ibsa hin kaa'an.

▣ **NASB** **"*until*"**
**NKJV, NRSV**
**TEV** **"until"**
**NJB** **"til"**

Jechi kun barreeffama Giriikii UBS[4] keessa jira. NASBn itaaliksii isa dubbistoonni Ingiliffaa akka hubataniif fayyaduu malee, bareeffama Giriikii keessa isa hin jirre kanaan waan kaa'eef ani hin beeku.

Hiika bara 1970 NASB keessatti "the" malee kan sirrii ture "until" itaaliksiin hin ibsamne.

▣ **"yeroo haaromfama wantoota maraa"** Kun lammata uumamuu ibsa (cf. Mat 17:11 fi addatti Room 8:13-23). Hammeenyi abboomamuu diduu Uma. 3 hafeeti. Uumamni haareffame, walitti dhufeenyi Waaqayyo waliin jiru irra deebi'ee hundeeffame. Dhuma irratti kaayyoon uumamaa inni jalqabaa ni dhugoome.

▣ **"Waaqayyoo afaan raajota isaa qulqullootaatiin waa'ee eenyuu akka dubbate"** Wangeelli Maariqoos waraabbii Mar. 3:1; Mat 1:22-23 irraa fudhatameen jalqabee raajii Isa 7;14 ibsa. Luqaas galeedhama kan Luq 1:70 keessatti ni fayyadama. Kallattiin 'Kerygma' (HoE keessatti irra deddeebi'amuun dhugaa///

**3:22 "Muuseen jedheera"** Mata durichi "Masihicha" dhufaatii masihiitiif fayyade (cf. Kes 18:14-22 keessaayyuu 15,18, Yoha. 1:21,25). Ragaalee waa'ee Yesuus seera Muusee irraa fudhatame (kunis kutaa Kakuu Moofaa keessatti Yihudootaaf, saduqootaa fi Farisootaaf seera waliigalaa isa daran aango qabeessa ta'e) dhaggeeffattoota Yihudotaa kenneeniif baay'ee barbaachisaa ture. Yesuus yeroo hundumaa yaada fayyisuu Waaqayyooti. Inni du'uudhaaf dhufe (cf. Mar. 10:45 2Qor. 5:21).

**3:23** Inni kun jecha akeekkachiisaa isa cimaa ture. Inni ibsa Kees 18:19ti. Tuffatamuu Yesuus kan turee fi ammallee isa ciaa ta'e dhima yeroo hundaati. Ibsi marfataa Kes 18:14-22 kunis ilaalcha tewooloojiitiif amma tokko bu'aa ni qabaata.

1. Kallattii dhuunfaa fi kan dhaabbataa lamaanuu ni ibsa. Tokoon tokkoon sammuu nama dhuunfaa akka namaatti masihichaaf deebii laachuu qaba. Qaama waliigalaa Isiraa'el ta'uu qofti mataa isaatti ga'aa miti.
2. Gaaleen "haalaan barbadaa'e" jedhu ibsa "Waaana qulqullaa'aati" Waaqayyo wayinii isaa ni geexxa'a (Israa'eel, cf. Rom. 9-11). Isaan kanneen 'raajicha' tuffatan Waaqayyoon ni tuffatamu. Dhimmi eebbaa kun masihicha Waaqayyootiif amantiidhaan deebii laachuudha. Maatiin, Sanyiin, gosni, ciminaan seera raawwachuun ulaagaalee ebba Kakuu Haaraa miti, Garuu, Kiristoositti amanuudha.

**3:24 "Saamu'eel"** Seera Yihudootaa keessatti akka "raajota durii keessaa akka isa tokko ta'eetti yaadama; kutaa qoodama seera Hibirootaa isa 2ffaa 1Sam. 3:20 Saamu'eel raajii jedhameera. Dabalataan (Kunis raajiidhaaf hiika biraa) 1Sam. 9:9; 1Chr. 29:29 ilaali.

▣ **"these days"** Yeroo haaromsaa" (hidhaa 20) fi "yeroo haaromuu waan hundumaa" (hidhaa 21) jireenya mootummaa Waaqayyoo isa yeroo deebi'ee dhufuu Yesuus ibsa; garuu mootummaa masihichaa isa Yesuus Beteliheemitti mul'ise ykn yoo xinnaate guyyoota isana booda hunda, innis, yeroo lamaan Yesuus lafa kana irratti mul'ate gidduu isa jiru mul'isa. Kakuu Moofaan jalqabatti dhufaatii masihichaa isa tokko qofaa hubate. Dhufaatiin isaa inni jalqabaa akka "tajaajilaa isa dhiphateetti" (v.18) kan raajeffamudha: Akka ajajaa waraanaa fi abbaa firdiitti ulfinaan dhufuun isaa eegamee ture.

**3:25** Pheexiroos Yihudoota kana akka ijoollee Abrahaamitti, akka saba kakuutti maqaa dhaha. Haa ta'u malee, sabni kakuu kun amantii fi qalbii diddiirrannaadhaan Masihichaafi wangeela isaaf deebii laachuu qabu ykn Waaqayyo biratti fudhatama dhabu (hidhaa 23)!

Kakuu Haaraan nama dhuunfaa irratti malee gurmuu sanyii irratti hin xiyyeeffatu. Waamicha addaa Abrahaam keessa dhimma waliigalaatu jira (cf. Uma 12:3). Kennaan waan hundumaa Yesuusiin nama hundaaf kennameera (kunis, Luqaas jalqabatti Ormootaaf barreesse. Wangeellii fi ergamoonni isaa irra deddeebi'anii afeerraa kana dhiyeessaniiru.

▣ **"cakuu"** Mata-duree addaa ilaali: Kakuu 2:47 irratti.

▣ **"sabni biyya lafaa irraa hundinuu ni eebbifamu"** Kun Kakuu Waaqayyoo Abrahaamiif gale isa Uma. 12:1-3 irra jiru kan agarsiisuudha. Elementii walii gala Uma. 22:18 irra jirus hubadhu. Waaqayyo saba filachuudhaaf, biyya lafaa filachuudhaafis Abrahaamiin filate (cf. Ba'u. 19:5-6; Efe. 2:11-3:13).

**3:26 "duraan dursas isinitti erge"** Yihudoonni, sababii kakuu isaanii irraankan ka'e ergaa waneelaa dhaga'uu fi hubachuuf carraa isa duraa qabu (cf. Rom. 1:16; 9:5). Haa ta'u malee akkaataan isaan itti amanan kan nama kamiitiin iyyuu tokkodha: qalbii jijjiirrannaa; amantii, cuuphaa, abboomamuu fi gidiraa keessatti jabaachuu.

▣ **"hojjetaa isaa kaasee… erge"** Barreeffama 2:34 irra jiru ilaali.

▣ **"isin eebbisuudhaaf"** Kun fedha Waaqayyo dhala namaa hundumaaf qabudha (cf. Uma. 12:3). Haata'u malee, Inni Yesuusiin duraan dursee hoolota mana Israa'el warra badanitti erge!

▣ **"karaa keessan isa hamaatti hunduma keessan deebisuudhaan"** Fayyinni cubbuu irraa yaada garaa ofii geeddarachuu, isa gara geeddaramuu hojiitti nama geessuu of keessaa qaba. Jijjiiramni kun amanuu dhugaatiif ragaadha! Jireenyi bara baraa amaloota mul'atan (argaman) qaba!

**GAAFFIILEE MARII**

Kun qajeelfamaa fi hiika qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa isaatii laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati Macaafni Qulqulluu, akkasumas Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabaa qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffiileen marii kun kan isana dhiyaatan, yaadawwan gurguddoo kutaa macaafa kana keessatti ibsaman keessaa deebitaa akka ati xiinxaltuuf si gargaaruufidha. Gaaffiileen kun yaada kan kaasanicha malee ibsa kana irratti laatan miti.

1. "Walitti fufiinsichi" maalinni?
2. Fayyuun kun maaliif akkas humna kan qabu (cimaa) ta'e?
3. Waa'een masihii isa dhiphatee Yihudootatti maaliif rafannaa hammasii uuma?
4. Luqaas Uma. 12:3 irraa maaliif waraabbate?
5. Yihudoonni warra saba Waaqayyoo hin ta'in irraa haala adda ta'een fayyuu?

# HOJII ERGAMOOTAA 4

## HIIKAA HAARAA KEYYATAANHIRUUIRRATTIHUNDAA'E

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Pheexiroosii Yohaannis yaa'ii fuulduratti | Pheexiroosiifi Yohaannis qabamuu isaanii | Qabamuu fi gad dhiifamuu Pheexiroosiifi Yohaannis | Pheexiroosii fi Yohaannis fuulduratti | Pheexiroosii fi Yohaannis angafootaluboota warra biyya seerratan fuulduratti |
| 4:1-4 | 4:1-4 | 4:1-4 | 4:1-4 | 4:1-4 |
| | Angafoota lubootaa warra biyya seeraalanitti dubbachuu | | | |
| 4:5-22 | 4:5-12 | 4:5-12 | 4:5-7 | 4:5-12 |
| | Maqaan Yesuus dhowwamuu | | 4:8-12 | |
| | 4:13-22 | 4:13-22 | 4:13-17 | 4:13-17 |
| | | | 4:18-22 | 4:18-22 |
| Amantoonniakkahin sodaaanneefkadhachuu isaanii | Kadhannaaakka hin sodaaannee kadhatame | | Amantoonnicimsanii kandachuuisaanii | Kadhannaa ergamoonni ari'atama keessatti kadhatan |
| 4:23-31 | 4:23-31 | 4:23-31 | 4:23-30 | 4:23-26 |
| | | | | 4:27-31 |
| | | | 4:31 | |
| Waan hundumaa walitti | Waan hundumaa hirachuu | Qabeenya hirachuu (4:32-5:6) | Amantoonni qabeenya isaanii hiratan | Hawaasa Amantootaa durii |
| 4:32-37 | 4:32-37 | 4:32-5:11 | 4:32-35 | 4:32 |
| | | | | 4:33 |
| | | | | 4:34-35 |
| | | | | Arjummaa Barnaabaas |
| | | | 4:36-37 | 4:36-37 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("AGudide to Good Bebile Reading" fuula VII irraa)**
*SADARKAA KEEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABAA HORDOFUU*

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuufifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluuniifi Hafuurri Qulqulluun, hiikkaa laachuu keessatti qooda isa jalqabaa qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al-tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan hiruun dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabaa hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo giddu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata 1ffaa
2. Keeyyata 2ffaa
3. Keeyyata 3ffaa
4. Kkf

**HIIKA GULUMSAA**

A. Hojii Ergamootaa keessattiboqonnaadhaan himuu barbaachisaa akka hin taane ifaadha.

B. Lakkoofsonni 1-31tti jiran waa'ee fayyuu namoota warra ogummaa addaa hin qabnee isa boqonnaa 3 keessaa fi bu'aa isaatii dubbatu.

C. Lakkoofsonni 32-37, boqonnaa 5:1-11 wajjin adeemuu qabu.

D. Rakkoon guddachaa fi baay'achaa itti fufe, garuu ayyaannii fi humni hafuurichaas akkasuma ta'e. Waldaan ni guddatte.

E. Xiyyeeffannoo Luqaas jaalalaaf kenne, isa bifa waldaa Yemsaalem durii ibsu, yommuu ilaalan, namoonni gara lixaa warri hiikaa hammayyaa laatan, loogii sirna kaappitaaliizimii irraa of eeggachuu qabu. Luqaas, walitti dhufeenya fedha irratti hundaa'e waan deggeru fakkaata. Macaafni Hojii Ergamootaa sirna koomanii simus ta'e kaappitaaliizimii deggeruu hin dnda'u, sababni isaas, yeroo sanatti lamaanuu hin beekaman waan ta'eef. Barreeffamni tokko yommuu hiikamu, bara barreeffame, abbaan barreesse waan inni ibsuu barbaadeefi, addunyaa warra dhaga'anii ilaalcha keessa galchuudhaan hiikamuu qaba.

**QOANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFANA BASB (KAN FOOYYA'E): 4:1-4**
**1 Pheexiroos gaafa Yohaannis wajjin namootatti dubbii kana dubbachaa utuu jiruu, luboonni fi dura buutuun *eegduu* mana quqlullummaa, Saduqoonnis: saan biraan ba'an, 2ergamoonni kun namoota barsiisnii, Yesuus du'aa akka ka'e, du'aa ka'uunis akka jiru waan lallabaniif, isanaitti aaran.**
**3 Jarri yeroo sanatti bari'utti mana hidhaatti kennan. 4 Waan dubbicha dhaga'an keessaa baay'een garuu ni amanan; lakkoofsi amantootaas kan dhiirotaa duwwan iyyuu akka kuma shanii ga'e.**

**4:1 "luboonni"** jechi kun barreeffamoota Giriikii durii, א, A, D fi E keessati kan fayyadedha, C'n garuu "Angafoota lubootaa" (*archieries*) jedha. USB[4] irratti jecha "luboota" jedhuuf sadarkaa Btu kenname (dhigaatti

kan dhi'aatu). Akka galumsa boqonnaa 4tti yommuu ilaallu, mormiin luboota warra angafoota irraa akka hin dhufne hubanna (cf. lakk 6).

Kakuu Moofaa keessatti sanyiin Leewwii (kunis sanyii Muusee fi Aaron) karaa isa "Jalqaba dhalatee: (cf. ba'u. 13). YHWH akka tajaajilaniif fo'amanii turan. Sanyii kana keessaa maatiin murtaa'an kan (1) barsiisota seeraa; (2) hojjettoota mana qulqullummaa, fi (3) luboota warra mana qulqullummaa keessa hojjetan, keessaayyuu sirna aarsaa dhi'eessuutiin wal qabatee jiru kan gaggeessan (cf. Lew 1-7) turaniiru. Maatiin addaa kan luboonni warri angafoonni keessaa dhufuu qaban, maatii Muusee fi Aaroon ture. Sanyiin kun guutummaan, akka sanyii Yaaqoob/Israa'el warra kaanii qooda lafaa hin arganne. Isaan magaalota gamisaan kennamaniif tokko tokko qabu turan (kunis magaalota/eemmotaa 48, cf. Iya 20). Maatiin Leewwotaa kun, kennaa midhaanii mana qulqullummaaf kennamuu fi kennaa isa waggaa saditti kennamu argachuuf sanyii warra kaan irratti hirkatu.

Kun hundumtuu yommuu Roomaan Phalestiinaa irratti mootu jijjiirame. Angafa lubootaa ta'uun Roomaa irraa kennama ture. Kana booddee taayitaan kun tajaajilaa amantii Kakuu Moofaa utuu hin ta'in, taayitaa diinagdee fi kan aangoo siyaasaa ta'e.

Yeroo kanatti angafni lubootaa Qayyaafaa ture (cf. Matt. 26:3; Luq 3:2; Yoh 18), aangoo sirrii kan qabu garuu Aannaas, isa duraan angafa lubootaa turedha. (cf. Luq 3:2; Yoh. 18:13,24: Hoer 4:6). Maatiin kun saaduqoota warra amantii Yihudootaa irraa citanii ilaalcha mataa isaanii gegeessan turan.

▣ **"dura buutuun eegduu mana quqlullummaa"** kun taayitaa leewwootaa adda ta'e kan aangoodhaan angafa lubootaatti aanee jiru ture (cf. Jooseefas, *Wars* 6:5:3). Inni poolisii mana qulqullummaa kan to'atu ta'uu danda'a (cf. 1seenaa baraa 9:11; Neh. 11:11; Luq 22:4,52; Hoer. 5:24,26). Hibroota keessatti Inni "nama gubbee manichaa" jedhama ture.

▣ **"saaduqoonnis"** warri kun sooreyyii warra biyya seerratan turan.

**MATA DUREE ADDAA: SAADUQOOTA**

I. Madda gartichaa
   A. Hayyoonni baay'een maqichi, Zaadok, isa luboota Daawwit warra angafoota keessaa tokko ture (cf. 2Sam. 8:17; 15:24) irraa dhufe jedhanii amanu. Booddee, Solomoon Abiyaataariin fincila Adooniyaa deggeruu irraa ari'e (cf. 1Mot. 2:26-27); akka angafa lubootaatti Zaadoq qofa fudhate (cf. 1Mot. 2:35). Baqaatii Baabiloon booddee hiddi lubummaa kun karaa iyyaasuu deebi'ee hundeeffame (cf. Haag 1:1) Maatiin Leewwootaa kun akka mana qlqullummaa geggeessaniif fo'amanii turan. Booddee warri hidda lubootaa turanii fi deggertoonni isaanii kun saaduqoota jedhaman.
   B. Aadaan amantii jaarraa salgaffaa (Dh.K.B) (About, kan barsiisaa mantii, Naataan), Zaadoq duuka buutuu sokloo (Dh.K.D jaarraa lammaffaa ture) jedha. Zaadoq jecha beekama gorsaa isaatii kan "Du'aa booda badhaasa" jedhu akka malee hubatee, Ti'ooloojii jireenya booddee homtuu hin jiru jedhuu fi kanaafis kan du'aa ka'uu foonii ganu uume.
   C. Booddee amantii Yihudootaa keessatti saaduqoonni warra boo'eezos wajjin adda ba'an. Boo'eezosis duuka buutuu Sookhoo ture. Inni barsiisa isa kan Zaadoqiin wal fakkaatu kan waa'ee jireenya booddee ganu uume.
   D. Maqaan saaduqoota jedhu hamma bara Joon Haayirkaanasitti (135-104 Dh.K.D) hin mul'anne; kun Jooseefsiin moggaafame (cf. *Antiquities* 13:10; 5:6). '*Antiquities*' 13:5:9 keessatti Jooseefas "yaadota sadii" tu ture jedha: farisoota, saaduqoota, fi Esseenota.
   E. Waa'ee bara geggeessitootaa Asiyaa xinnittii, warra, luboota warra Antiiyokos 4ffaa jalatti ayyaana Yesuus Kisirsoos ayyaaneffatan (175-163 Dh.K.D) aadaa Giriikii fudhachiisuu yaalanii, irraa dhufuu isaanii irratti yaadrimee mormisiisaatu jira. Yeroo fincila Makkaabiyaaniitti, Simoon Makkaabii (142-135 Dh.K.D) horteewwan isaa (cf. 1Macc. 14:41) keessatti lubummaa haaraan eegalamee ture. Luboonni angafoonni Hasmooniyaanii warri haaraan kun saaduqoota warra gita ol-aanaatiif jalqaba ta'uu danda'u. Fariisoonnis yeroodhuma kanatti Haasiidiim irraa argaman (kunis "warra adda ba'an" cf. 1Macc. 2:42; 7:5-23)

F. Yaadrimee haaraan (kunis T.W.Mauson), kan saaduqoota jechi jedhu jecha Giriikii "*sundikoi*" jedhu irraa dhufe jedhu jira. Jechi kun aangamoota nananoo kanneen aangamoota Roomaa wajjin walitti dhufan agarsiisa ture. Kun saaduqoonni tokko tokko Luboota warra gita olaanaa utuu hin ta'in, miseensota warra biyya seerratanii ta'uu isaanii kan ibsu ta'uu danda'a.

II. Amantaawwan addaa

A. Isaan luboota rincicoo, warra yeroo Hasamooniyaanii fi Roomaatti Jireenya Yihudootaa irraa addatti yaada mataa isaanii geggeessan turan.

B. Isaan keessumaa iyyuu, waa'ee seera mana sagadaa, pirootookoolii, barmaatilee, fi akkaataa Waaqeffannaati dhimmu (xiyyeeffatu)

C. Isaan seerota Muusee (barsiisa Yihudootaa) isa barreeffamaan jiru baay'ee kan beekanii fi kan itti qabaman yommuu ta'u (kunis Uma. Kess) Seera isa afaaniin daddarbu garuu hin fudhatan (kunis, Taalmud).

D. Kanaafuu, isaan barsiisa farisootaa baay'ee isaa hin fudhatan (ni mormu).

1. Du'aa ka'uu foonii (cf. mat 22:23; Marq. 12:18; Luq 20:27: Hoer. 4:1-2; 23:8)
2. Lubbuun (Hafuurri) kan hin tortorre ta'uu (cf. *Antiquities* 18:1:3-4; Wars 2:8:14)
3. Ergamoota gidduu hiramni sadarkaa jiraachuu isaa (cf. Hoer 23:8)
4. Isaan isa "Ijaaf-Ija" jedhu ni fudhatu (*hex talionis*) salphaatti, akkasumas adaba qaamaa akkasumas adaba du'aa ni deggeru (qooda qarshiidhaan araarsuu)

E. Yaadni karaa ti'ooloojii jiru inni mormisiisaan kan biroon immoo waa'ee fayyinni dursee kan murtaa'u yookiin fedha irratti kan hundaa'u ta'uu, kan gartuu sadan Jooseefasiin ibsamaniiti.

1. Gartuun Yihudotaa warri dhiirota qofa of keessatti qaban, yaad aisa fayyinni dursee kan maqaan murtaa'udha jedhu deggeru.
2. Saaduqoonni fedha namaa isa jedhu irratti xiyyeeffatu (cf. Antiquities 13:5:9; Wars 2:8:14)
3. Farisoonni hamma tokko haala madaalamaa ta'een yaada lamaan gidduu jiru

F. Karaa tokkoon mormiin (lolli) garuu lamaan (kunis, saaduqoota farsiisoota) gidduu jiru, Kakuu Moofaa keessatti muddama lubootaa fi raajota gidduu jiru kan mul'isudha.

Muddamni biraan akka jiraatu kan godhe immoo, saaduqoonni hawaasa keessati gita olaanaa bakka bu'uu isaaniiti. Isaan warra gita ol-aanaa qaban turan. (cf. Antiquities 13:10:6; 18:1:4-5; 20:9:1 Isa Joseefas barreesse), farisoonnii fi barreessitoonni immoo namoota biyyichaa biratti hayyootaa fi kabaja kana qaban turan. Muddamni kun mana qulqullummaa Yerusaaleemii fi manneen sagadaa biro kan biyyicha keessa jiran gidduu kan jiru ta'ee ilaalamuu ni danda'a.

Muddamni kan biroon immoo saaduqoonnid hiibbaa zoro'aasitiriyaanisimiin barsiisa farisootaa irraan ga'u fudhachuu diduu isaanii kan bakka bu'u ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, barsiisa waa'ee ergamootaa kan baay'ee cimaa ta'e, mormii (garaagarummaa) YHWH fi seexana gidduu jiruu fi ilaalcha bal'aa waa'ee jireenya booddee qaamaan jiraachuu yaadni farsiisotaa fi garee dhiirotaa kun saaduqoota keessatti sochiin akka uumamu taasise. Isaan yaada garee Yihudoota warra biro ofitti fudhachuuf jecha, yaada rincicaa isa Muusee qofa jedhutti deebi'an.

III. Maddoota odeeffannoo

A. Jooseefas waa'ee saaduqootaatiif madda odeeffannoo isa jalqabaati. Inni farisootaaf amanamaa ta'uu isaa fi jireenyi Yihudootaa gaarii ta'uu isaa warri Roomaatti mul'isuudhaaf fedha qabu irraan kan ka'e loogii godha ture.

B. Maddi odeeffannoo inni kan biraan immoo hogbarruu amantiiti. Haa ta'u malee, asittis loogiin ni mul'ata. Saaduqonni barbaachisummaa fi murteessummaa seera abbootaa (kunis Taalmud) isa afaaniin daddarbaa dhufee ni ganan. Barreeffamoonni farsiootaa kun mormitoota isaanii karaa intaaneen, tari ol kaasee (haala gadheedhaan) kan ibsu ta'uun isaa ifaadha.

C. Barreeffamoonni saaduqootaa iyyuu hin jiran (kan beekaman hin jiran). Yerusaalemii fi manni qulqullummaa Dh.K.B bara 70tti barbadaa'uu isaaniitiin walqabatee, barruuleenii fi dhiibbaan luboota warra hayyootaas ni badan. Isaan naannoo sanatti nagaa buusuu kan barbaadan yommuu ta'u, jaarraa tokkoffaa keessatti kana gochuuf karaan tokkichi Roomaa wajjin walii galuu ture (cf. Yoh 11:48-50)

**4:2**
**NASB,NKJV "baay'ee dhphatanii"**
**NRSV "baay'ee aaranii"**
**TEV "aaranii turan"**
**NJB "akka malee aaran"**

Jechi Giriikii baay'ee hin beekemne kun (Asitti GOCHA AMMAA [hirkataa]) "waan tokko ciminaan hojjechuu" jechuudha; Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti iddoo kan biraa tokkootti qofa argama (16:18). Macaafa Qulqulluu isa afaan Giriikiitti hiikames ta'ee, barreeffama Gibxii irratti hin argamu.

Gegeessitoonni saaduqoota aaranii turan, sababiin isaas geggeessitoonni kiristiyaanaa man qulqullummaa keessatti maqaa Yesuusiin ummata barsiisaa, du'aa ka'uu isaas labsaa turan (saaduqoonni waa'ee du'aa ka'uu Yesuus akkasumas waa'ee barsiisa du'aa ka'uu kamiyyuu gananii turan). Jechoota lakk 2 irra jiran irraa, ergamoonni waa'ee du'aa ka'uu Yesuus qofa otoo hin ta'in, du'aa amantoota hundumaa (cf. 1Qor 1:15) hubachiisaa turuu isaanii hubachuun ni danda'ama. Duti amanaa tokko qofa hin balleessine, <u>amantoota hundumaa</u> balleesse malee!

**4:3 "jarri"** lakkoofsa 2 keessatti kanaan kan hordofaman Pheexiroos, Yohaannisii fi tarii namchia isa fayyifame sana turan. Lakkoofsa 3 keessatti kanaan kan hordofaman lubootaa fi eegduu mana qulqullummaati.

▣ **"qabatanii"** Jechi (xumurri) Giriikii kun hiika bal'aa kan qabu yommuu ta'u, Luqaas garuu hiikaa isa qabamuu agarsiisu fayyadama (cf. Luq 20:19; 21:12; Hoer. 5:18; 12:1; 21:27)

▣ **"hamma barii'utti"** seerri Yihudotaa yaa'iin basakkaa booddee akka hin adeemsifamneef ni dhowwa. Geggeessitoonni kun, lallabni/barsiisiifni kun battalatti akka dhaabbatu barbaadan. Kanaaf isaan halkan guutuu mana qulqulluummaa keessaa iddoo tokkotti isaan hidhan, kun immoo akkaataa hidhaa isa ummanni beeku hin turre (cf. 5:18).

**4:4 "warra dubbicha dhaga'an keessaa baay'een garuu ni amanan"** kun lamaanuu enna wal fakkaatan ibsu. Amantiin dhaga'uu irraa jalqaba (cf. Rom 10:17). Wangeela dhaga'uun (gargaarsa hafuuraatiin, cf. Yoh 6:44,65; 16:8-11) gara wangeelatti amanuutti nama geessa. Mata duree addaa ennaa xumuroota Giriikii fayyinaaf fayyadanii jedhu 2:40 irraa ilaali.

▣ **"lakkoofsi amantootaas kan dhiirota duwwaan iyyuu akka kuma shanii ga'e"** lakkoofsi kun dubartootaa fi ijoollee kan hin dabalanne ta'uu isaa hubadhu. Kakuu Haaraa keessatti yeroo baay'ee amantiin abbaa maatii isaa hundumaa bira akka ga'u ni argina (cf. 11:14; 16:15,31,33). Gartuun kutaa isa ol-aanuu lakkoofsaan gara 120ti. Yero Pheenxeqoosxee 3,000 kan itti dablaman yommuu ta'u (cf. 2:41); amma lakkoofsi amantootaa gara 5,000ti! Waldaan Yerusaalem saffisaan guddachaa jirti!

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): 4:5-12**

**5Lafti bariinaa, gurguddoonni Yihudootaa fi maanguddoonni, barsiisonni seeraas, Yerusaalemitti walitti qabamani. 6Isaan keessaas haannaas angafichi lubootaa, Qayyaafaaris, Yohaannisii fi Iskindiros, kan biraas mana angafoota lubootaa keessa turan. 7Isaan ergamoota qaban sana yaa'ii dura dhaabachiisanii, "Humna maatiitiin yookiis maqaa eenyuutiin kana gootan?" jedhanii gaafatan. 8Pheexiros yommus hafuura qulqulluudhaan guutamee, "Isin gurguddoota biyyaa maanguddootas kan taatan, 9amma gochaa gaarii namciha naafa ture kanaaf godhameef, akka inni itti fayyeefis ni gaafatamna erga ta'ee, 10namichi amma fayyaa ta'ee isin dura dhaabatu kun, maqaa Yesuus Kiristoos nama Naazireetiin akka fayye, isin hundumti keessan beekaa! Namoonni Israa'el hundinuus kana haa beekan. Isiin Yesuusiin ni fanniftan, ni ajjeeftanis; Waaqayyo garuu warra du'an keessaa isa kaase. 11Innni kun dhagicha, isa isin warri ijaartuun tuffatan, inni garuu dhagaa mataa gahaa qajeelchu ta'e. 12Fayyinnis Yesuus Kiristoos duwwaadhaan malee, kan fayyuun kan nuuf ta'u, Waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne" jedhe.**

**4:5 "gurguddoonni Yihudootaa fi maanguddoonni, barsiisonni seeraas"** Angafoonni lubootaa fi warri biyya seerratan (kunis, yaa'ii maanguddootaa, 5:21, naannoo Yerusaalem irraa; yaa'ii maanguddootaa, 22:5) geggeessitoota Yihudota torbaatama irraa kan uumamaniidha. Kunis bara Yesuus biyya lafaa irra turetti qaama siyaasaa/amantii isa ol aanaa (kan Roomaan hayyamte) kan amantii Yihudootaa ture. Yaadni kun (kunis, aadaa Yihudootaa) kan inni jalqabame Izraa fi "namoota mana sagadaa isa guddichaa" tiin ture. Kakuu Haaraa keessatti yeroo baay'ee gaalee, "barsiisota seeraa, maanguddootaa fi angafoota lubootaa" jedhuun beekama (cf. Luq 23:18; Hoer. 3:14; 4:5,8; 13:27).

**MATA DUREE ADDAA: LUBOOTA WARRA ANGAFOOTAA FI WARRA BIYYA SEERRATAN**

I. Madda odeeffannoo
   **A.** Kakuu haarawaa mataa isaa
   **B.** "*autiquities of the Jesus*" isa Flaavi'as Joosefas barreesse
   **C.** Taalmud (seera Yihudootaa) [kunis luboota warra angafootaa fi warra biyya seerratan" Kakuu Haaraan akkasumas Jooseefas barreeffamoota amantii, kan geggeessitoota gosa lamaatu Yerusaaleem keessa jira (kunis tokkoffaan luboota kunis saaduqoota) kan anagafoota lubootaan durfamanii fi kan dhimmooota siiviilii fi yakkaa ilaalan akkasumas, lammaffaan immooo kan farisootaa fi barsiiftota seeraatiin hogganamanii fi kan dhimmooota amantii fi aadaa ilaalan) jedhuu wajjin walii hin galan. Haata'u malee, barreeffamoonni amantii Dh.K.B bara 200 irraa kaasee kan jiran yommuu ta'u, Haala aadaa kufaatii Yerusaalem booddee hamma janeraala Roomaa, Tiitos, Dh.K.B bara 70 keessatti jiru jalaqqisiisu. Yihuudonni jireenya amantii isaanii magaalaa jaamniyaa jedhamtutti deebisanii hundeeffatan, booddee (DH.K.B bara 118)tti gara Galiilaa dhaqan.

II. Jechoota ogummaa kanaan wal-qabatan
   Rakkoon qaama seeraa kana adda baafachuudhaan wal-qabatee jiru, maqoota gara garaa inni ittiin beekamus kan of keessaa qabudha. Jechoota baay'ee, kan qaamota seeraa haawaasa Yihudootaa isa Yerusaaleem, ibsantu jira.
   A. *Gerousia* - "caffee" yookiin "yaa'ii" kun jecha durii kan gara dhuma yeroo pershiyaatti fayyadamaa turedha. (cf. *Autiquities* 12.3.3 fi *II Macaabees* 11:27 kan Jooseefas barreesse). Luqaas jecha kana Hoer 5:21 keessatti "Luboota warra angafootaa fi warra biyya seerratan" kan jedhu wajjin fayyadameeera. Kun karaa ittiin jechicha dubbiftoota warra afaan Giriikii dubbataniif ibsan ta'uu danda'a (cf. 1*Macc*. 12:35).
   B. *Synedrion* – "Luboota warra angafootaa fi warra biyya seerratn" kun jecha tishoo kan *syn* (wajjin) fi *hedra* (teessuma) irraa umamedha. Kan nama dinqu, jechi kun afaan araamanyikii keessatti fayyadeera, garuu jecha Giriikii calaqqisiisa. Dhuma bara Makkaabiyaaniitti kun jecha fudhatamaa kan dhaddacha olaanaa Yihudootaa isa Yersuaaleem ibsuuf fayyadu ture (cf. Mat. 26:59; Mar. 15:1; Luq 22:66; Yoh. 11:47; Hoer 5:27). Rakkoon kan uumame yeroo jechuumti kun dhadachoota xixinnoo (yaa'ii manneen sagadaa) kan Yerusaaleemii ala jiran ibsuuf fayyadedha (cf. Mat 5:22; 10:17)
   C. *Presbyterion* – "yaa'ii maanguddootaa" (cf. Luq 22:66). Kun akkaataa ibsa Kakuu Moofaa kan geggeessitoota gosaati. Haa ta'u malee, yaa'ii (dhaddacha) ol'aanaa Yerusaaleem ibsuu jalqabe (cf. Hoer 22:5)
   D. *Boulē* – Jechi "yaa'ii" jedhu kun Kakuu Haaraa keessatti utuu hin ta'in, Jooseefasiin (*Wars* 2,16,2; 5,4,2), qaamota peeraa gargaaraa ibsuuf fayyadeera: (1) Caffee Roomaa; (2) manneen murtii naannoo Roomaa; (3) mana murtii ol-aanaa Yihudotaa isa Yerusaalem; fi (4) manneen murtii naannoo kan Yihudotaa. Yooseef namni Armaatiyaa haala jecha kanaatiin akka miseensa warra biyya seerrataniitti ibsameera (kunis *bouleutēs,* Jechuunis "Gorsaa," (cf. Marq 15:43; Luq 23:50).

III. Jijjiirama seenaa
   Jalqabatti, yeroo (bara) boojuu dura Izraan mana sagadaa isa guddicha (cf. Weedduu meeddotaa 6;1) hundeesseera jedhama, bara Yesuusitti immooo miseensa warra biyya seerratanii ta'uu hin oolle.

A. Taalmud irratti akka jedhutti Yerusaaleem keessa manneen murtii gurguddoo lamatu ture (cf. Sanh 7:1)
   1. Isa miseensota 70 yookiin 71 of keessaa qabu (Sand 1:6 naannoowwan Museen hundeesse iyyuu (lakk. 11 keessatti lakk. 11:16-25).
   2. Isa miseensota 23 of keessaa qabu (garuu kun manneen murtii mana sagadaa warra naannoo kan agarsiisan ta'uu danda'u).
   3. Hayyoonni Yihudotaa tokko tokko, Yerusaalem keessa luboonni warri angafoonnii fi warri biyya seerratan kan miseensota 23 of keessaa qaban sadiitu ture jedhanii amanu. Warri sadan kun yoommuu, geggeessitoota lamaanii wajjin walitti dhufan, "Gartuu, lubootaa fi warra biyya seerratanii isa Guddicha" kan miseensota 71 of keessaa qabu uumu (*Nasi* fi *Bet Din*).
      1. isa kan lubootaa (kunis, saaduqoota)
      2. isa seeraa (kunis, Farisoota)
      3. warra gita ol-aanaa (kunis maanguddoota)
B. Bara boojii booddee sanyiin daawwit keessaa kan deebi'e Zarubaabel yommuu ta'u sanyii aaroon keessaa kan deebi'e immooo Iyyaasuu (*Jeshua*) ture. Du'uu Zarbubaaee booddee, sanyiin daawwit itti hin fufne. Kanaafuu murtii keennuun gara luboota (cf. 1Macc 12:6), akkasumas abboota naannoo qofatti darbe (cf. Neh. 2:16; 5:7).
C. Ga'een Luboonni murtii kennuu keessatti qaban kun bara Giriikiitti 'diodorus 40:3:4-5' irratti galmaa'eera.
D. Ga'een luboonni bulchiinsa keessati qaban kun bara seeluusiidiittis ittuma fufeera. Jooseefas, Atutiquities 12:138-142 keessatti "Autiouchus "the Great" III (223-187 Dh.K.D) irraa waraabbateera.
E. Jooseefas, *Antiquities* 13:10:5-6; 13:15:5 irratti akka jedhutti, aangoon lubootaa kun bara Makkaabiyaaniittis ittuma fufeera.
F. Bara Roomaatti bulchaan siiriyaa (kunis Gabiini'os, Dh.K.D bara 57-55) "Luboota warra angafootaa fi warra biyya seerratan" shan, kan naannolee, hundeesse (cf. Antiquities 14:5:4; fi Wars 1:8:5, Jooseefasiin kan barreeffaman), Garuu kun booddee Roomaadhaan balleeffame (kunis, Dh.K.D bara 47).
G. Luboonni warri angafoonnii fi warri biyya seerratan Heroodis (Antiquities 20.200,251) wajjin wal-dhabbii siyaasaa qabu turan. Heroodis bara (37, Dh.K.D) keessa haaloo baafachuudhaan abbootii seeraa ol-aanaa baay'ee ajjeesise (cf. antiquities 14.9; 5.1.2).
H. Bulchiinsa Roomaa jalatti (Dh.K.D 6-66) Luboonni warri angafoonnii fi warri biyya seerratan Aangoo cimaa, kan murtoo laachuu isaan dandeessiu (cf. Marq 14:55) akka argatan Jooseefas (cf. Antiquities 20.20,251) irraa ni hubanna. Dhaddachoonni Kakuu Haaraa keessatti galmaa'an, kan luboonni warri angafoonnii fi warri biyya seerratan, geggeessummaa maatii angafoota lubootaatiin murtii seeraa itti laatan sadiitu jira.
   1. Murtoo Yesuus irratti laatame (cf. Marq 14:53-15:1; Yoh 18:12-23,28-32)
   2. Pheexiroosii fi Yohaannis (cf. Hoer 4:3-6)
   3. Phaawuloos (cf. Hoer 22:25-30)
I. Dh.K.B bara 66tti yommuu Yihudonni fincilan, warri Roomaa bara 70. (Dh.K.B)tti Yerusaalemii fi Hawaasa Yihudotaa balleessan. Farisoonni warri jamniyaa qaama seeraa ol-aanaa (Beth Din) gara jireenya amantii Yihudootaatti (garii jireenya siiviilii fi siyaasaa miti) deebisuuf yoo yaalan iyyuu, Lubonni warri angafoonnii fi warri biyya seerratan garuu raawwatanii dhabamsiifamanii turan.

IV. Miseensummaa
A. Manni murtii ol-aanaa Yerusaalem keessa jiru Macaafa Qulqulluu keessatti jalqaba inni eerame seenaa baraa 2ffaa 19:8-11 irrattidha. Kan inni irraa hundeeffame immooo (1) Leewwota; (2) Lubootaa; fi (3) dursoota maatii (kunis, maanguddoota, cf. 1 Macc. 14:20; Macc 4:44) irraa ture.

B. Bara Makkaabiyaaniitti caalmaatti (1) Maatii lubootaa warra saaduqootaa fi (2) namoota naannoo warra gita ol-aanaatiin qabame (cf. 1Macc 7:33; 11:23; 14:28). Bara kana keessa gara booddeetti, “barreessitoonni” (abbootii seera Musee, yeroo baay’ee farsiota) haadha manaa aleksaander jannaa’eyus kan taate Saalomaadhaan (76-67 Dh.K.D) itti dabalamn jedhamee beekama. Isheen farsisoonni gartuu warra caalmaa qaban akka ta’an gooteetti jedhama (cf. *Wars fo the Jesus* 1:5:2) Joseefas kan barreesse).

C. Bara Yesuusitti manni murtichaa kan inni uumame
   1. Maatii Luboota warra angafootaa
   2. Namootaa naannoo warra maatii Dureeyyii irraa ta’an
   3. Barreessitoota (cf. 11:27; Luq 19:47) irraa ture

V. Maddoota Yaadaa
   A. *Dictionary of Jesus and the Gospels*, IVP, fuula 728-732
   B. *The Zondesvan pictorial Encyclopedia of the Bible, hidha* 5, fuula 268-273
   C. *The New Schaff-hergog Encyclopedia of Religious Knowledge, hidha* 10, fuula 203-204
   D. *The Interpretier’s Dictionary of the Bible, hidha* 4, fuula 214-218
   E. *Encyclopedia Judiaca, hidha* 14, fuula 836-839

**4:6 “Haannaas”** Maqaan isaa afaan Giriikiitti “Hannas” jedhama; Jooseefas immoo “Haannaanos” jedhee waama. Maqichi afaan Ibraayisxiitti “araaraan guutuu” yookiin “ayyaana qabeessa” (*hānān*) kan jedhu irraa waan dhufe fakkaata.

Kakuu Moofaa keessatti angafa Lubootaa ta’uun jireenyaaf yommuu ta’u, hidha Aaroon keessatti kan daangeeffame ture. Haa ta’u malee, warri Roomaa aangoo kana gara aangoo siyaasaa kan maatii Leewwotaatiin bitamuutti jijjiiran. Angafni Lubootaa gurgurtaa mana murtii dubrtootaa keessa jiru ni to’ata, ni hojjetas, Yesuus mana qulqulluummaa qulqulleessuun isaa maatii kana aarseera.

Akka Filaaviyos Jooseefas jedhutti, Hannaas Dh.K.B bara 6-14tti angafa Lubootaa ture. Inni kan inni fo’ame Quriniyoo), bulchaa siiriyaatiin yommuu ta’u, kan inni buufame immoo Vaaleri’os Giraatusiin ture. Firoonni isaa (Ijoollee 5 fi ijoollee ijoollee 1) isa duuba turan. Isatti aanee kan dhufe Qayyaafaa (Dh.K.B bara 15-36), isa ilma guddisaa isaa turedha (cf. John 18:13). Dudduubaan Aangoo isa sirrii qabatee kan ture Haannaas ture. Yohaannis, nama jalqabaa Yesuus itti geeffame ta’uu isaa ibsa (cf. 18:13, 19-22).

▣ **“Qayyaafaa”** Inni Dh.K.B bara 18-36tti, bulchaa Yihudaa kan ture Vaaleri’os Giraatusiin ture (cf. MSD, ‘IEnathas, cf. NEB, NJB).

▣ **“Yohaannis”** Kun, “Yoohaattaan” isa Jooseefas, ilma Haannaas isa bara 36 (Dh.K.B)tti Qayyaafaatti aansee angafa Lubootaa ta’uu isaa nutti himu, kan ibsu ta’uu danda’a. Haata’u malee UBS[4] irratti garuu *“Iōannēs”* (kunis Yohaannis) sadarkaa A(sirrii) ta’ee argama; REB’n iyyuu “Yohaannis” kan jedhutti deebi’a.

▣ **“Iskindiros”** Waa’ee nama kanaa wanti beekamu tokko iyyuu hin jiru, garuu, akkuma Yohaannis, miseensa maatii Haannaas yookiin miseensa duraa paartii saaduqootaa ta’uu danda’a.

**4:7 “Isaan ergamoota qaban sana yaa’ii dura dhaabachiisanii”** miseensonni Angafoota Lubootaa fi warra biyya seerratanii iddoo ol jedhaa irra malakkaa geengoo uumuudhaan naanna’anii taa’u.

▣ ***“gaafata”*** Kun gocha hin xumuramiin jiru yommuu ta’u, (1) gocha yeroo darbe keessa walitti fufiinsa qabu yookiin (2) calqaba gochaa kan agarsiisu ta’uu danda’a.

▣ **“Humna maaliitiin yookiis maqaa eenyuutiin”** Isaan bukke qabaadhaan fayyisuun sun tolchaan kan hojjetame akka ta’etti dubbatan (cf. 19:13). Isaan Yesuus irrattis yaalii sobaa akkasii godhanii turan (cf Luq. 11:14-26; Marq. 3:20-30). Isaan dinqii ta’e sana ganuu hin dandeenye, kanaafuu akkaataa yookiin madda humnichaa shakkuu yaalan.

**4:8 "Hafuura Qulqulluudhaan guutamee"** Hafuurichi ergamootaaf madda ogummaa fi Hubannaa ture (cf. Luq 12:11-12; 21:12-15). Namni kun isuma guyyoota muraasa dura sodaa irraan kan ka'e gooftaa gane ta'uu isaa hubadhu (cf. 4:13). Pheexiroos "guutamee" akka ture hubadhu (cf. 2:4; 4:8, 31). Kun kan inni agarsiisu wantichi wanta irra deddeebi'uu danda'u ta'uu isaati (cf. Efe 5:18). Yaada guutuu 2:4 fi 3:10 irraa ilaali.

**4:9 "erga ta'ee"** Kun hima sadarkaa tokkoffaa kan halarratti hundaa'ee, kan kaayyoo barreessichaatiif dhugaadha jedhamee yaadamuudha.

▣ **"ni gaafatamna erga ta'ee"** Jechi Giriixii kun jecha jechaan yoo hiikame "Seera duratti gaafatamuu" jechuudha (cf. 12:19; 24:8; 28:18; Luq 23:14). Jechi kun Yihudoota warra Beeriyaa kan Phaawuloos Macaafa Qulqulluu sirriitti hiikuu fi dhiisuu isaa ilaaluudhaaf Macaafa qoran (cf. 17:11) ibsuudhaaf fayyadeera.

▣ **"gochaa gaarii namicha naafa ture kanaaf godhameef"** Pheexiroos, dinqii fayyinaa fi araaraa ajaa'ibsiisaa namicha kanaaf godhame ilaalchisee qorannoon seeraa isaan irratti godhamaa jiru kun sirrii kan hin taane ta'uu isaa hubachiisaa jira. Isaan qooda kanaa Waaqayyoon galateeffach qabu turan.

▣ **"akka inni itti fayyeefis"** Kun gocha xumurame yommuu ta'u, milli isaa guutummaatti fayyuu isaa kan agarsiisuudha.

**4:10 "isin hundumtii keessan beekaa! Namoonni Israa'el hundinuus kana haa beekan"** Kun gocha xumurame kan ajaja ibsuudha. Haafurichi, Pheexiroos ofitti amantummaa akka gonfatu godhee ture. Inni haala iddoo yaa'ii sanaa jiru hin sodaaanne, geggeessitoonni kun Kiristoosiin awwaala keessatti qabuu hin dandeenye.

▣ **"maqaa Yesuus Kiristoos nama Naazireetiin"** Pheexiroos gaaffii isaanii irratti hundaa'ee, akkamitti dinqiin kun akka raawwatame haala shakkii hin qabneen isaanitti hime. Mata duree addaa: Yesuus nama Naazireet jedhu 2:22 irraa ilaali.

▣ **"Isin Yesuusiin ni fanniftan, inni ajjeeftanis"** Kun Dhugaa isa beekamaadha. Isaan akka inni du'u godhaniiru. "Isa isin" kan jedhu (lakk. 11), jarri kun yakkamtoota ta'uu isaanii dabalee nu hubachiisa.

▣ **"Waaqayyo garuu warra du'an keessaa isa kaase"** Kakuu Haaraan, qaamonni sadan tokkummaa keessa jiran sadanuu du'aa ka'uu Yesuus keessatti qooda akka qaban nu hubachiisa: (1) Hafuura, Rom 8:11; (2) Yesuus, Yoh. 2:19-22; 10:17-18 fi (3) Abbaa, Hoer 2:24, 32; 3:15, 26; 4:10; 5:30; 10:40; 13:30,33,34,37; 17:31; Rom 6:4,9. Kun Dhugaa waa'ee Waaqayyoo isa jireenyaa fi barsiisa Yesuus Keessa jiru, akkasumas Abbaan, Yesuus du'a bakka bu'iinsaa du'uu isaa guutummaatti akka fudhatu kan agarsiisu (mirkaneessu)dha. Kun yaada "*Kerygma*" isa guddaadha (kunis lallaba Macaafa Hojii Ergamootaa keessa jiru).

▣ **"namichi amma fayyaa ta'ee isin dura dhaabbatu kun"** Asitti dubbiin kan jiru jecha "Dhaabatu" jedhu irradha. Namichi kun kan Dhaabatu yommuu ta'u, kan inni dhaabatu immoo isaanuma dura.

**4:11** Kun Far. 118:22, irraa kan waraabame yommuu ta'u, garuu Macaafa Qulqulluu isa afaan Giriikiitti hiikame irraa miti (cf. Efe. 2:20; 1Phex, 2:4 ff). Yesuus, Marq. 12:10 fi Luq 20:17, isa Macaafa Qulqulluu isa afaan Giriikiitti hiikame irraa fudhatame irratti, kana ofii isaatiif fayyadameeera. Masihiin inni tuffatame, isa fayyina Israa'elii fi guutummaa biyya lafaatiif sababa ta'uudhaan yaada Waaqayyoo fiixaan kan baasu ta'uu isaatii ibsuu kan cimsuudha. Kun geggeessitota Yihudootaa kanaaf dubbii naasisaadha (cf. 1Xim 2:5).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"dhagicha isa mataa golee qajeelchu"** |
| **NKJV** | **"dhagicha is amataa golee qajeelchu"** |
| **NRSV,NJB** | **"dhagaa golee qajeelchu"** |
| **TEV** | **"dhagaa… hunda caalaa barbaachiisaa isa ta'e"** |

**MATA DUREE ADDAA: DHAGAA GOLEE**

I. Kakuu Moofaa keessatti
   A. Yaadni dhgaan, mi'a cimaa fi umurii dheeraa qabu kan hundee gaarii hojjechuudhaaf fayyadu ta'uu isaa ibsu YHWH (cf. Far. 18:1) ibsuudhaaf fayyadeera.
   B. Achumaanis gara mudama Masihummaatti guddate (cf. Uma 49:24; Far 118:22; Isa 28:16)
   C. Murtoo YHWH Karaa Masihii kennus ni ibsa (cf. Isa 8:14; Dan. 2:34-35, 44-45).
   D. Kun gara ijaasa ibsuutti guddate.
      1. dhagaan hundee, isa jalqabaa, isa amansiisaa ta'eefi ijaarsa isa hafeef kofa uumu, kan "Dhagaa golee" jedhamu.
      2. dhagaa isa Dhumaa, isa keenyaa walitti qabuudhaaf kaa'amu (cf. Zak. 4:7; Efe. 2:20,21) kan ibsus ta'uu ni danda'a.
      3. "dhagaa furtuu" isa gara gidduu korboo balbalaa jiruu fi ulfaatina gutummaa keenyichaa kan baatu, kan ibsu ta'uu ni danda'a.

II. Kakuu Haaraa keessatti
   A. Yesuus waa'ee ofii isaatiitiif yeroo baay'ee Far. 118 irraa fudhatee ni dubbata (cf. Mat. 21:41-46; Marq 12:10-11; Luq 20:17)
   B. Phaawuloos Far 118, YHWH'n Israa'el isa amantii hinqabnee fi isa guungumu, kan hin fudhanne ta'uu isaa ibsuudhaaf itti fayyadama (cf. Rom 9:33)
   C. Phaawuloos, Yesuusiin agarsiisuudhaaf yaada isa "Dhagaa qadaaddoo" jedhu Efe. 2:20-22 irratti fayyadameeera.
   D. Pheexiroos yaada waa'ee Yesuus kana 1Phex. 2:1-10 irratti fayyadameeera. Yesuus Dhagaa golee qajeelchu yommuu ta'u, amantoonni (kunis amantoota akka manneen qulqullummaatti, cf. 1Qor. 6:19) immoo dhagoota jiraatoo warra isa irratti ijaaramanidha (Yesuus Mana qulqullummaa isa haaraadha, cf. Marq 14:58; Mat 12:6; Yoh. 2:19-20). Yihudoonni yommuu Yesuus masihii ta'uu isaa ganan, hundee abdii isaanii isa ta'e ganan.

III. Barreeffamoota Ti'ooloojii
   A. YHWH'n akka ijaaraniif hayyameef. Inni, yoo isaan kakuu isaa eegan akka isaan eebbisuu fi isaanii wajjinis akka ta'u, ta'uudhaa baannaan garuu manni qulqullumichaa akka jigu isaanitti hime (cf. 1Mot 9:1-9)!
   B. Amantiin Yihudootaa bifaa fi haala dhaabbataa irratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u, amantiin kan dhunfaa ta'uu isaas hin fudhatu (kun hima waliigalaa miti; Waaqolii amantiitu ture). Waaqayyo, warra fakkaattii isaatti umamanii wajjin, walitti dhufeenya guyyaa guyyaa, dhuunfaa fi Waaqummaa uumuu barbaada (cf. Uma. 1:26-27). Luq 20:17-18 irratti jechoota firdii nama sodaaachisan argina.
   C. Yesuus yaada mana qulqullummaa ibsu, qaama ofii isaatii ibsuudhaaf itti fayyadamee. Kunis yaadni dhuunfaa walitti fufiinsa akka qabaatuu fi akka babal'atu godhe. Yesuus masihii ta'uu isaa amanuun, YHWH wajjin walitti dhufeenya qabaachuudhaaf furtuudha.
   D. Fayyinni, fakkaattii Waaqayyoo nama keessatti qabu deebisee haaresse, kunis Waaqayyoo wajjiin walitti dhufeenya qabaachuu nama dandeessisa. Galmi kiristiyaanumma,a amma Kiristoosiin fakkaachuudha. Amantoonni dhagoota jiraatoo warra Kiristoos (mana qulqullummaa isa haaraa) irratti ijaaraman isa dudduba hiriiran ta'uudhaaf waamanan.
   E. Yesuus hundee amantii keenyaati, akkasumas dhagaa golee amantii keenyaati (i.e isa Alfaa fi Omeegaa). Haa ta'u malee akkasumas dhagaa nama gufachiisuu fi kattaa nama miidhudha. Isa dhabuun, waan hundumaa dhabuudha. Asitti karaan giddu kaa'aan hin jiru!

**4:12 "kan biraatiin tokko ille ehin jiru"** Kun alta'a dacha cimaadha. Ayyin Abrhaamiin yookiinMuseedhaan hinjiru (cf. Yoh. 14:6; 1Xim. 2:5). Dubbii ulfaataa akkamiiti! Kun baay'e ekan daangaa namatti godhudha, baruu Yesuus karaa isaa duwwaa Waaqayyoon beekuun akka danda'amu amanuun isaa beekamaadha. Pheexiroos kan asodaa malee ija jabinaan hayyoota wara geeggeessitoota Yihudootaa sanatti lbse. Kun yeroo baay'ee daangaa isa kirisityaanummaa keessatti baay'ee ulfaataa jedham. As keessa karaa giddu-kaa'aan hin jiru. Dubbiin kun dhguaadha ykn kiristiyaanummattu soba!

▣ **"maqaan kan biraan, ititin fayyuun kan nuuf ta'u, Waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne"** "hinkennamne" Inni jedhu raawwii xumurame argasiisa. Waaqayyo kana murteesseera! Yesuus daabii Inni dheebuu hafuuraa ilmaan namaatiif kennedha. Karoorri sadarkaa B hin jiru! Dubbii kiristiyaanummaa isa daangaa namatti godhuuf kitaaba gaarii argachuuf H.ANetland, "*Dirssonant Voices: Religious Pluralism and the question of Truth*" ilaali.

▣ **"ilmaan namootaaf"** Qabiyyeen is akan walii gala ta'uu isaa hubadhu (cf. Yoh. 3:16; 1Xim. 2:5; 2Phex. 3:9)

▣ **"ittiin fayyuun kan nuuf ta'u"** Gaaleen kun jecha xumuraa wal qabatan lama qaba.

5. *Dei*, raawwii ammaa kan agarsiisu, "nuuf ta'u"
6. *Sithēna;*, raawwataman yeroo darbeekan agarsiisu kan *sōzō*

Jechi "fayyuu" jedhu Kakuu Haaraa keessatti faayidaa lma qaba

1. Fooniin fayyuu (akka Kakuu MOofaatti, cf. Mat. 9;22; Marq. 6:56, Luq. 1:71; 6:9; 7:50; HoE 27:20,31; Ya'i 1:21; 2:14; 4:12; 5:20).
2. Fayyina hafuuraa (akka Kakuu Haaraatti cf. Luq. 19:10; HoE 2:21,40,47; 11:14; 15:11; 16:30-31)

Namni naafti sun lachuu isaa fudhate/argate. Abbootiin amantii akka adii fudhatamummaa fi dhifama argachuu isaaniitti Yesuusiin duwwaa amanuu barbaadu ture! Namni fayyuun barbaachisaa ture, kun immoo Yesuus duwwaadhaan raawwatamuu danda'a. Lakk. 12 irratti dubbiin Kakuu Moofaa irraa fudhatame Inni yeroo hundumaa karoora Waaqayyoo akka ture agarsiisa (cf. Isa. 8;14-15; 28:14-19; 52:13-53:12).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 4:13-22**

**[13]Warri yaa'ii sanaas Pheexiroosii fi Yohaannis ija jabinaan akka dubbaan yommuu caqasan, barumsa dheeraa kan hin qabne, kan hin beekamnes akka ta'an hubatanii, ni dinqifatan; haa ta'uu iyyuu malee, jarreen kun Yesuusii wajjin akka turan isaaniif gale. [14]Namichi inni fayyee sunis, Pheexiroosii fi Yohaannisi wajjinutu dhaabatuu argani, akka itti isaan hammeessan dhaban. [15]kanaafi yaa'ii keessaa akka gad ba'an isaan abboomanii, walii wajjin mari'achuutti ka'an. [16]"Milikkinni beekamaan jarreen kanaan akka agarsiifame, namoota Yeruusaalem jiaaten hundumaa biratti beekamaadha, nus immoo kun "soba jechuu hin dandeenyu; jarreenkana maal goonu ree? [17]Kun biyya keessatti ba'ee akka hin odeeffamne, maqaa kanaanis deebi'anii nama tokkotti illee akka hin dubbanneef, kottaa jabeessinee isaan doorsifnaa" jedhanii walii galan. [18]Kana booddee ol isaan waamanii, maqaa Yesuusiin raawwatanii akka hin dubbannee fi akka hin barsiifne, isaan abbooman. [19]Pheexiroosii fi Yohaannis isanaiif deebisanii "kan Waaqayyoo dhaga'uu irra, kan keessan dhaga'uun Waaqayyo durati qajeelaa yoo ta'e, isinumti faradaa! [20]Nuyi garuu ofii keenyaa kan arginee fi kan dhageenye himuu dhiisuu hin dandeenyu" jedhan! [21]Yaa'ichi itti uuma caalchisee isaan doorsisee, gad isaan dhiise; namoonni hundinuu dinqii isa godhameef Waaqayyoof huuquba waan dhi'eessaniif, ergamoota sana adabuudhaaf karaa dhabee ture. [22]Namichi inni dinqiin fayyinaa godhameef immoo, nama waggaa afurtama gara irraa ture.**

**4:13 "barumsa dheeraa akka hin qabne"** Jechi *kun agrammatos* kan jedhudha. Kun immoo jecha "barreeffama" jedhu "ALPHA PRIVATIVE" wajjini. Kana jechuun isaa (1) tuffatamoo ykn (2) mana barumsaas amantiitti hin leenjine (cf. A. T. Robertson, "*Worlda Pictures in the Greek New Testament*, hidhaa 3, ful. 52 fi Louw fi Nida, "*Lexicon* hidhaa 1 ful. 328).

▣ **"kan hin beekamnes"** Kun jecha *idiōtēs* jedhu, kan "nam hin baranne" jedhamee hiikamuu ykn "waan tokkoon kan hin leenjine" jedhamee kan hiikamudha. Jalqabatti nama gaggeessaa ykn dubbi himaa hin taane agarsiisa ture. Nama alaa fi miseensa gartuu tokkoo agarsiisuudhaafi fayyaduu jalqabe (cf. 1Qor. 14:16,23-24; 2Qor. 11:6).

Hiikaawwan Afaan Ingilizii garaa garaa gaalee kana akkamitti akka ilaalan hubadhu.

NASB, NKJV "namoota hin barbannee fi hin leenjine"

| | |
|---|---|
| NRSV | "namoota hin barannee fi waa'ee hin baafne" |
| TEV | "namoota dasiiba barumsa hin qabne" |
| NJB | "namoota hin baranne" |

▣ **"ni dinqifaman"** Kun gocha hin xumuramne agarsiisa (akkuma xumura warra itti fufanii jiranii). Isaan kun jalqabuu gochaa ykn gocha yeroo darbe keessa irra deebi'ame agarsiisu. Luqaas jecha kana yeroo baay'ee fayyadama (Hojii Ergamootaa fi baay'ee yaada qajeelaa qaba (cf. Luq. 11:38; 20:26; HoE 4:13; 13:41).

▣ **"Yesuus wajjin akka turan isaaniif gale"** Kun yaada dhugaa deggarudha. Yesuus mana barumsaa amantiitti hin leenjine ture, garuu Kakuu Moofaa sirriitti beeka. Inni akkuma ijoollee Yihudootaa hundumtuu gochuu qaban barumsa mana sagadaa hordofaa ture (Pheexiroosii fi Yohaannis akkasumas turan).

Geggeessitoonni sun ija jabinaa fi humna Pheexiroosii fi Yohaannis hubatan. Yesuus keessatti kanuma argan.

**4:14** namichi naafni kun yeroo hunduma balbala mana qulqullummaa dura waan taa'uuf hundumtuu isa beeku turean. Garuu kana booddee hin taa'u! Namoonni mana qulqullummaa keessa turan kan hin haalan (cf. lakk. 16,22).

**4:15** Yommuu waan gochuu danda'an mari'atanii fi akkamitti akka gansiisanii fi doorsisan yommuu karoorsan jarri sadan akka gadi ba'an gaafatan (cf. lakk 17-18).

**4:17-18** Kun karoora isanaii ture! Waa'ee Yesuus dubbachuu maqaa isaatiinis namoota gargaaruu dhaabaa! Waa'een namoota warra fayyuu namichaatiif Waaqayyoon galateeffataa turanii yoo akkam ta'a (cf. 3:8-9; 4:16)?

**4:19 "yoo"** kun dhugaa kan agarsiisu utuu hin ta'in falmiidhaaf kan itti dhimma ba'anidha. Phexiroosii fi Yohaannis abboommiin isaanii fudhatama qaba jedhanii hin yaadne 9cf. 5:28).

▣ **"qajeelaa"** Mata duraa addaa: waa'ee qulqullummaa ilaali.

▣ **"isinumti faradaa"** Kun ajaja raawwii yeroo darbee agarsiisa. Isaan jecha, fedhaa fi hojii isaaniitiin of balaaleffachaa turan.

**4:20** Pheexiroosii fi Yohaannis waan argan ganuu akka hin dadneenyee fi barsiisuus akka hin dhiifne dubbatan.

**4:21 "ittuma caalchisee isaan doorsisee"** maal hojjechuuf akka isaan sodaachifaman dinqiisiisa. Yesuus kaafameera. Namichichi siree isaa irraa kaafame; geggeessitoonni kun Pheexiroosii fi Yohaannisiin maal gochu barbaadu?

▣ **"(ergamoota sana adabuudhaaf karaa dhabee ture)"** Kun barreeffama keessatti kaayyoo Luqaas keessaa tokko agarsiisuu danda'a. Kiristiyyaanummaan warra Roomaa waan sodaachisu ykn nagaa Yeruusaalem waan miidhu hin turre. Angafoonni lubootaa mataan isaanii abbootii amantii waan ittiin balaaleffatan hin qaban ture.

▣ **"namoonni hundumtuu…hogubaa waan dhi'eessaniif"** Namoonni waan ta'e ija isaaniin argan waldaa durii sana baay'ee dinqisiifatan (cf. 2:47). Geggeessitoonni warra Yihudootaa beekamtii kana baay'ee sodaatan (cf. 5:13,26).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 4:23-31**

**[23]Pheexiroosii fi Yohaannis akkuma gad dhiifamaniin, gara jiru isaaniitti deebi'anii, luboonni wari angafoonni, maanguddoonnis waan ittiin jedhan isaanitti himan. [24]Isaan yommuu kana dhaga'an,**

**hundumtii isaanii erga takkaa sagalee isaanii ol fudhatanii, Waaqayyoon kadhatanii, "Gooftaa guddaa, si'I Waaqaa fi lafa, galanas, isaan kana keessa kan jiraatan hundumaas kan uume. [25]Hafuura qulqulluudhaan afaan naa'oo kee Daawit abaabilii keenyaan, 'warri saba Waaqayyoo hin ta'in maaliif ori'u? Sabni hundinuus hamaa gochuudhaaf maaliif akkasumaan dhama'u? [26]Mootonni biyya lafaa lolaaf ka'an, gooftichaa fi Masihii isaatti bu'uudhaaf gurguddoonni garee waamatan' jette. "Eeyyee dhuguma mandarumsa kanatti iyyuu, Herodisii fi Phonxos Philaaxos, warra saba Waaqayyoo ta'anii fi namoota Israa'elii wajjin, hojjetaa kee isa qulqulluu, Yesuus isa ati isa dibde irratti, walii galan. [28]Ammas yaa gooftaa, doorsisa isaanii ilaali, hojjettoonni kee soda malee dubibi kee akka dubbataniif, ija jabummaa kenniif! [30]Maqaa Yesuus hojjetaa kee is aqulqulluutiin dhukkubsattoota fayyisuudhaaf, milikkitaa fi dinqii garaa garaas gochuudhaaf, harka kee diriirsi!" jedhan. 31Isaan kadhata afaanii fixuunii fi iddoon isaan itti walitti qabaman socho'uun wal faana ta'e. hundumti isaaniis hafuura qulqulluudhaan guutamanii, dubbii Waaqayyoo ija jabumaadhaan dubbachaa turan.**

**4:23** Isaan bartotaa wajjin wal quunnamuudhaaf gara kutaa isa gara olii deebi'anii dhufan.

**4:24 "erga takkaa"** Tokkummaan laphee fi yaadaa kun amala waldaa ishee jalqabaa ture (cf. 1:14; 2:46; 4:24; 5:12; 15:25). Tokkummaa kaayyoo kana keessa humna hafuuraa fi hojii xiyyeeffannaa qabuttu jira.

▣ **"gooftaa"** Kun jecha Giriikii *despota* jedhu isa jechi afaan Ingiliizii geggeessaa humna qabeessa (despot) jedhu irraa dhufedha. Kun nama aangoo guutuu qabu aarsiisa! Asitti Waaqayyoo abbaa agarsiisa (cf. Luq. 2:29 fi Mul. 6:10). Yesuusiifis ni gargaaramna (cf. 2Phex. 2:1 fi Yih. 1).

▣ **"si'i Waa'qaa fi lafa, galaanas, isaan kana keessa kan jiraatan hundumaas kan uume"** Kun karaa biraa Ba'u 20;11 kan agarsiisu ta'uu danda'a. Akkasumas 14:15 keessatti waraabbiin kun fudhatameera, dhuggichis 17:24 keesatti caqafameera.

**4:25** Jalqabni lakkoofsa kanaa haala garaa garaatiin barreeffameera. Barreeffamoonni warri jalqabaa p74, א , 4, fi B'n yaadota hiikaan isanaii ifa hin taane of keesaa qabu. Jechi guutummaan guutuutti yaadicha ibsu beekamuu yoo baatee illee dhugummaan barreeffamichaa beekamaadha. Waa'ee rakkoo kanaa guutummaattii fi yaad-rimeewwan wantoota ta'anii argachuudhaaf, kitaaba Bruse M. Metzger, "*A Textual Commentary on the Greek New Testament*" jedhuu fuula 321-323 ilaali.

▣ **"Hafuura Qulqulluudhaan afaan naa'oo kee Daawit abaabilii keenyaan"** Kun yaada ka'umsa ta'uu Kakuu Moofaa dubbata. Kun Macaafa Qulqulluu afaan Giriikiin barreeffame, faarfannaa waa'ee Msihichaa sanyii mootii, Far. 2:1-2 irraa kan waraabamedha. Mormiin biyya lafaa waan eegamudha, garuu mo'ichi YHWH akkasuma kan eegamudha.

Hojii Ergamootaa keessatti Luqaas yaadota Kakuu Moofaa keessaa wangeelaan walqabatan baay'ee waraabee barreesseera.

1. Yo'el 2:1-6 HoE 2:16 keessatti
2. Far. 16:8-11 HoE 2:25 keessatti
3. Isay. 52:12-53 HoE 3:18 keessatti
4. Keessa 18:15-20 HoE 3:22 keessatti
5. Uma. 12:3 HoE 3:25 keessatti
6. Far. 118:22 HoE 4:11
7. Far. 2:1-2 HoE 4:25-26 keessatti

Kirisityaanummaan waan haaraa miti, garuu Kakuu Moofaa kan raawwatudha (cf. Mat. 5:17-48).

▣ **“warri saba Waaqayyoo hin ta’in…Sabni hundinuus…Mootonni…gurguddoonni”** kun waan ergamonni “gurguddoota” isa jedhuuf akka barsiisota amantiitti jechoota walqabsiisan fakkaata. Jechuunis, isana gurguddoota “*gohim*” jedhaman waamuu isaaniiti (warra kallattii saba Waaqayyoo hin ta’in)!

▣ **“ori’u”** Hiikni kallattii jecha kanaa “ol kaasanii funyaaniin hasa’uu jechuudha. Kun ol-aantummaa agarsiisa.

▣ **“gooftichaa fi Masihii isaatti”** YHWH fi Masihiin wal-duukaa akka dubbataman hubadhu. Far. 110:1 caqasuu dhiisuun isanaii na ajaa’ibeera!

Akka nama Waaqa tokkichatti amanuutti guutummaatti Waaqummaa Kiristoos ibsuunii fi eenyummaa hafuura qulqulluu ibsuun baay’ee ulfaataadha (cf. lakk. 26). Garuu sadantokkummaa kun Kakuu Haaraa keessatti iddoodhaan iddootti argamu. Barreesstonni hundumtuu Luqaas irraa kan hafee Yihudoota Waaqa tokkichatti amananii kirisityaanota ta’an ta’uu isaanii hin dagatin. Wanti addaa tokko immoo akka isaan sadan tokkummaa mul’isan isaan taasise (jechuunis wangeela). Barreeffama guutuu waa’ee sadan tokkummaa 2:32 irra ilaali.

**4:27 “hojjetaa kee isa qulqulluu, Yesuus, isa ati dibde”** Aankiiwwan Misihichaa kana hubadhu.

1. Qulqulluu (cf. 3:14; 4:30)
2. Hojjetaa (*pais*, cf. 3:13,28:4:25,27,30)
3. Hojjetaa (*chriō* isa Kiristoos jechi jedhu irraa dhufe, cf. Luq. 4:18; HoE 4:27; 10:38)

Lakkoofsi kun karaa garaa garaa Yesuus YHWHdhaan ergamee fi muudame agarsiisa. Yesuus karoora fayyinaa fi deebisuu Waaqayyootti (cf. lakk. 28).

**MATA DUREE ADDAA: DIBAMUU MACAAFA QUQLULLUU KEESSAA**

A. Bareediinaaf gargaara (cf. Kees. 28:40; Rut. 3:3; 2Sam. 12:20; 24:2; 2 Qor. 28:1-9; Dan. 10:3; Amos 6;6; mik 6:15).
B. Keessummaadhaaf gargaara (cf. Far. 23:5; Luq. 7;38,46; Yoh. 11:2)
C. Fayyisuudhaaf garaara (cf. Far. 23:5; Lu. 7;38,46; Yoh. 11:2)
D. Fayyisuudhaaf garaara (cf. Isa. 6:1; Erm. 51:8; Marq. 6:13; Luq. 10:34; Ya’i. 5:140) [Hisq. 16:9 keessatti akka quqlullinaatti gargaara]
E. Akka gocha amantiidhaaf gochamuutti gargaara (wanta tokkoof, Uma. 28:18,20; 31:13 [utubaa]; Ba’u. 20:36 [Sidaarsaa}; Ba’u. 30:36; 40:9-16; Lew. 8:10-13; lakk. 7:1 [mana sagadaa]
F. Geggeessitoota qopheessuudhaaf
    1. Luboota
        a. Aaron (cf. Ba’u. 28:41; 29:7; 30:30)
        b. Ijoollee Aaron (cf. Ba’u 40:15; Lew 7:36)
        c. Aankii (cf. lakk. 3:3; Lew. 16:32)
    2. Moototа
        a. Waaqayyoon (cf. 1Sam. 2:10; 2Sam. 12:7; 2Mot. 9:3,6,12; Far. 45:7; 89:20).
        b. Raajootaan (cf. 1Sam. 9:16:10:1; 15:1, 17; 16:3, 12:13; 1Mot. 1:45; 19:16-16)
        c. Lubootaan (cf. 1Mot. 1:34,39; 2Mot. 11:12)
        d. Angafootaan (cf. Abboota firdii 9:8,15; 2Sam. 2:7; 5:3; 2Mot. 23:30)
        e. Yesuus akka Masihicha isa mootii ta’eetti (cf. Far. 2:2; Luq. 4:18 [Isa. 61:1]; HoE 4:27; 10:38; Ibr. 1:9 [Far. 45:7]
        f. Duuka buutota Yesuus (cf. 2Qor. 1:21; 1Yoh. 2:20,27 (dhadhaa ejersaa dibataaf qophaa’e)
    3. Raajotaaf ta’uu danda’a (cf. Isa 61:1)
    4. Warra hin amanne Waaqayyoof mi’a hojii gochuuf
        a. Qiiros (cf. Isa. 45:1)
        b. Mootii biyya Xiiros (Hisq. 28:14)
    5. “Masihi” jechuun “isa dibame” jechuudha.

▣ **"hojjetaa kee isa qulqulluu, Yesuus isa ati dibde, irratti walii galan"** kanatti aansee mormiiwaan Yeruusaalem keessatti Yesuus irratti ka'antu tarreeffamee jira.

1. Herodis, isa akka Phalistinaa bulchuuf warra Roomaatiin muudame
2. Phonxos Philaaxos, bulcha warra Roomaa kan Phalistinaa
3. Warra saba Waaqayyoo hin ta'in kun loltoota Roomaa ykn Yihudoota warra haaraa amanan agarsiisuu danda'a.
4. "namoota Israa'el" Kun immoo anga'ota Yihudootaa fi Yihudota warra barban akka gad hifamuu fi Yesuus immoo akka fannifamamuuf gaafatan kan agarsiisu ta'uu danda'a.

**4:28 "kanaan ati humna keetii fi yaada keetiin akka ta'uuf"** Waaqayyo uumama dura illee nama fayyisuuf karoora qaba ture (cf. Matt. 26:34; Yoh. 17:24; Efe. 1:4; 1Phex. 1:20; Rev. 13:8; HoE 2:13; 3:18; 13:29). Diinonni Kiristoos kun waan Waaqayyo akka isana hojjetaniif barbaade qofa raawwatan. Yesuus du'uudhaaf dhufe (cf. Marq. 10:45) "dur murtoo goote" jechuun "duraan dursitee fo'atte" jechuudha (cf. Rom. 8:29,20; 1Qor. 2:7; Efe. 1:5,11).

Barreeffamni Kakuu Haaraa keessatti murto duraan dursee godhame ibsan Rom. 8:28-30; Rom. 9; fi Efe. 1:3-14dha. Barreeffamoonni kun mul'inatti Waaqayyoo waan hundumaa irratti aangoo guutuu qabaachuu isa mul'isu. Inni waan hundumaa to'ata, seenaa namaas daabalatee. Karoorri Waaqayyoo fayyinaaf duraan dursee kaa'ee yeroo isaatti hojii irra oolu jira. Garuu, karoorri kun waan tasa yookiis gartuu murtaa'ee qofaa miti. Kun immoo hundumaa irratti aangoo qabaachuu fi hunda beekee Waaqayyoo irratti duwwaa utuu hin ta'in jaalala isaa isa hin jijjiiramne, araara isaa fi ayyaana isaa isa dhuma hin qabne irrattis ni hundaa'a.

Ilaalcha dhuunfaa warra dhihaa irraa ykn dhugaa inqisiisaa kana halluu dibuu keenya irraa of eeggachuu qabna. Lola seenaa fi amantii Augustine fi Pelegius ykn Calvinism fi Arminism keessatti hirmaachuu irraas fo eeguu qabna.

Mortoon duraan dursee godhamuun jaalala, ayyaanaa fi araaraa Waaqayyoo daangeessuuf yookiis gartuu murtaa'ee filanii wangeela keessaa hanbisuuf miti. Garuu, ilaalcha iaan biyya lafaaf qaban fooyyeessuudhaan amantoota jabeessuu jechuudha. Jaalalli Waaqayyoo ilmaan namaa hundumaa fi (cf. 1Xim. 2:4; 2Phex. 3:9). Waaqayyo waan hundumaa to'ata. Eenyutu yookiis maaltu isa irraa addaan nu baasa (cf. Rom 8:31-39)? Murtoon duraan dursee godhamu karaa lamaan jireenyi ilaalamu keesaa isa tokkodha. Waaqayyo seenaa hundumaa akka yeroo ammaatti ilaala. Ilmaan namaa yeroodhaan daangeeffamu. Ilaalchi keenyaa fi dandeettiin samuu keenyaa murtaa'aadha. Hundumaa irratti aangoo qabeessa ta'uu Waaqayyoo fi fedha namaa gidduu wanti wal faalleessu hin jiru. Kun caasaa kakuuti. Kun fakkeenya dhugaa Macaafa Qulqulluu fakkeenyaan, jechamaan, yaadonni dhibbaa qaban walqabsiifamanii kaa'aman agarsiisu kan biraadha. Seeronni Macaafa Qulqulluu kallattii garaa garaatiin ibsamu. Yeroo baay'ees fakkeenyaan kaa'amu. Dhugichi madaallii yaadota faallaa fakkaatanii walqabatanii kan eegudha. Dhugaa lamaan keessaa tokko duwwaa fudhannee dhibbaa jiru kaasuu hin qabnu. Dhugaa Macaafa Qulqulluu kamiyyuu adda baasuu hin qabnu.

Kaayyoon filannoo du'a booda mootummaa Waaqayyoo dhaaluuf duwwaa utuu hin ta'in amma Kiristoosiin fakkaachuudhaafis akka ta'e itti dabaluun barbaachisaadha (cf. Efe. 1:4; 2:10)! Nu'i "qulqulluu fi kan hin cepha'amne" akka taanuuf fo'amne. Waaayyo nu jijjiiruu kan fo'ateef akka wari kaan jijjiiramicha aganii karaa Kiristoosiin Waaqayyootti akka amananiifidha. Murtoon duraan dursee godhamuun milkaa'ina dhuunfaa utuu hin ta'in ittiaafatamummaa kakuuti. Nu'i akka tajaajilluuf fayyine!

**4:29 "dubbii kee akka dubbataniif"** Kun raawwii ennaa ammaa garsiisa. Kun kadhannaa ija jaina itti fufiinsa qabu argachuufi (cf. Efe. 6:19 fi Qol. 4:3) hojii gaarii hojjechuuf heyyama argachuuf godhamedha (cf. 2Xim. 3:15-17).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"soda malee"** |
| **NKJV, NRSV** | |
| **TEV** | **"ija jabina guutuun"** |
| **NJB** | **"soda malee"** |

Mata duree addaa itti fufee jiru ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: IJA JABINA (PARRESIA)**

Jechi afaan Giriikii kun “hunda” (*pan*) fi “dubbii” (*rhēsi*) kan jedhan irraa kan ijaaramedha. Bilisummaan yookiis ija jabummaan dubbii kun yeroo baay’ee yaada mormii yookiis tuffii gidduutti ija jabummaa qabaachuu jedhu of keessaa qaba (cf. Yoh. 7:13; 1Tas. 2:2).

Barreeffamoota Yohaannis keessatti (yeroo 13 gargaarame) yeroo baay’ee labsii uumataaf godhamu agarsiisa (cf. Yoh. 7:4, barreeffamoota Phaawuloos keessattis, Qol. 2:15). Garuu, yeroo baay’ee salphaadhumatti “mul’inatti” jedhuudha (cf. Yoh. 10:24; 11:14; 16:23,29).

Hojii Ergamootaa keessatti ergamoonni akkuma Yesuus waa’ee Waaqayyo abbaa fi karooraaf waadaa isaa dubbachaa turetti waa’ee Yesuus dubbachaa turan (cf. HoE 2:29; 4:13; 23,31; 9:27-28; 13:46; 14:3; 18:26: 10:8; 26:26: 28:31). Phaawulos akka ija jabinaan wangeela lallabuu dnada’uu (cf. Efe. 6:19; 1Tas 2:2). Fi wangeela dabarsuuf (cf. Fil 1:20) akka kadhataniifis gaafateera.

Kiristoosittii abdii guutuu qabaachuun Phaawuloos bara hamaa yerichaa keessatti wangeela akka lallabuuf ija jabinaa fi jajjabina isaaf kenne 14. 2Qor 3:11-12). Duuka buutonni Yesuusis karaa sirrii irra akka deddeebi’ani amantii qaba ture (cf. 2Qor 7:4).

Jechi kun dabalataan karaa biraas ni ilaalama. Ibroota keessatti haal adda ta’een, Waaqayyotti dhiyaachuu fi isatti haasa’uudhaaf Kiristoosittii ija jabina qabaachuu hiika jedhuun kaa’ameera (cf. Ibr. 3:6; 4:16; 10:19,35). Amantoonni karaa ilmaan Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya akka qabaataniif guutummatti fudhatama argatanii simatamaniiru.

**4:30 “dhukkubsattoota fayyisuudhaaf… harka kee diriirsi!”** Kun gaalee akka amala namaatti Waaqayyo yeroo gargaarsaafi humna isaa mul’isu ibsuuf gargaarudha. Miilikitonni karaa ittiin ergaa wangeelaa mirkaneeffatan turan. Kun waan isaan bara jireenya isaanii hundumaatti mana sagadaa keessatti dhaga’an irraa ergaa gutummaan guutuutti adda ta’edha.

**4:31 “iddoon isaan waliti qabaman socho’uun”** Waaqayyo dhuga baatota kana haal biraadhaan akkuma gaafa Pheenxeqoosxe agarsiisa qabatamaadhaan isaan jajjabeesse. Dubbiin kun qilleensa baaxii irra qilleensa’u agarsiisuuf gargaara.

▣ **“hundumti isaaniis hafuura qulqulluudhaan guutamanii”** Asitti irra deebiidhaan hundumti isaanii guutamuu isaanii hubadhu (cf. 2:4; 4:8, 31: 9:17; 13:9,52). Guutamuun kun ija jabiinaan wangeela akka labsaniif ture. Akka afaan haaraan hin caqafamnes hubadhu. Hojii Ergamootaa keessatti afaan gara garaa yeroo caqafaman, haala dangaa aadaa duudhaa fi ykn teessuma lafaa bira darbuudhaan wangeela lallabuu ibsuun ture.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYA’E) 4:32-35**

**32Namoonni amanuu hundinuu, warra garaa tokkoo fi yaada tokkoo turan. Isaan keessaa tokko illee qabeenya ofii qaba tureen kan kooti hin jenne. Qabeenyi isaanii hundinuu kan waliinii ture. 33Ergamoonnis humna guddaa agarsiisuudhaan du’aa ka’uu gooftaa Yesuus dhugaa ba’an, ayyaana guddaas qabu turan. 34Homtinuu isaan keessaa waa dhabee hin rakkanne, lafa yookiis mana warri qaban hundinuu, gurguranii horii isaa fidan. 35Horiin isaan fidanii ergamootatti kennan sunis, adduma addaaf akka isa barbaachiseetti ni hirama ture.**

**4:32 “namoonni amanan hundinuu, warra garaa tokkoo fi yaada tokkoo turan”** Hafuurri tokkumma amatnoota keessaa (cf. 1:14). Tokkummaa sadan tokkumaa (cf. Efe. 4:4-6) muli’sa. Jechootumti kun Marq. 12:30 keessatti abboommii jalqabaa is akeessa 6:4-5 ekessa jiru calaqisiisu.

▣ **“qabeenya”** isaanii hundinuu kan walii isaanii ture” Isaan akka maatitti yaadanii akka maatii ta’an. Kun yaalii waldaan jalqaba tajaajilicha maallqaan cimsuudhaaf goote ture. Kunis dirqama utuu hin ta’in fedhaa fi

waliigalteedhaan ture. Fedhii isaanii madaallii mootummaa ykn hawaasaa utuu hin ta'in jaalalaa fi waliif dhimmuu ture!

**4:33 "du'aa ka'uu gooftaa Yesuus dhugaa ba'an"** Kun giddu galeessa dhugaa ergaa isaanii ture (cf. 1Qor 15). Yesuus jiraataadha!

▣ **"ayyaana guddaas qabu turan"** xalayoota Phaawuloos irraa waldaan kun booda akka baay'ee hiyyoomte baranna (cf. Rom 15:3; Gal 2:1). Ayyaanni guddaan akkuma jireenya irraa hafaa (cf. Yoh. 10:10) waan mul'atuu baay'ee wal hin qabatu. Eebbi kun geggeessitoota duwwaa irra, warra kennan ta'e tokko qaban duwwaa irra, ykn immoo warra hawaasa keessatti sadarkaa qabaniif duwwaa irra utuu hin ta'in hunduma isaanirra ture.

**4:34** Waldaattiin walii waliitiif itti gaafatamummaa yaada qabu qabdi turte. Warri qabu turan bilisaan warra hanqina qabaniif kennaa turan (cf. lak. 35). Kun koominisimii utuu hin ta'in hojiidhaan wal jaalachuudha ture.

**4:35 "horiin isaan fidanii ergamootatti kennan (gara miila ergamootaatti fidanii kaa'an) sunis"** Kun aadaa ittiin waan tokko namatti kennan ture. Isaan jireenya ofii miilla Yesuus jalatti waan dhiisaniif meeshaa fi horii isaanii miilla ergamootaa jala kaa'an.

▣ **"ni hirama ture"** Kun gocha yero darbe keessa irra deddeebi'amaa ture agarsiisa.

▣ **"adduma addaaf akka isa barbaachisetti"** Macaafa Klein, Blomberg fi Hubbard "*Introduction to Biblical Interpretetion*" jedhu keessatti fuula 452-453 yaadi gaariin "manifestoon" Marks Hojii Ergamoota keessaa waraabbaai lama fudhachuu isa agarsiisu kaa'ameera.

1. "adduma addaan hamam danda'an" 11:29
2. "adduma addaaf akka isa barbaachisetti"

Rakkoon jiru namoonni bara kanaa Macaafni Qulqulluun tasa waan hin caqasne ykn hin hubachiifne deggeruudhaaf Macaafa Qulqulluutti fayyadamuu isaaniiti. Macaafni Qulqulluun hiikaa barreessaa isa barreesse yookiin nama jalqaba dhaga'eef hin laanne nuuf laachuu hin danda'u. Barreeffamicha karaa gara garaatiin aadaa keenyaan yookiin haala keessa jiraannuun wal qabsiisuu dandenya, garuu haalli nu'i ittiin wal qabsiifnu utuu adda hin ba'in yaada barreessichaatiin wal simuu qaba. Barreeffamni Macaafa Qulqulluu hundumtuu hiika tokko duwwaa qaba, garuu waan baay'eedhaan wal qabsiifamuu danda'a, barbaachisummaa baay'ees qaba.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYA'E) 4:36-37**

**36 Warra Leewwii keessaa,namni Yoseef jedhamu qophrositti kan dhalate tokko ture: ergamoonni "Baarnaabaas" jedhanii isa waaman; kana jechuunis "Ilma jajjabeessu" jechuudha. 37 Namichi kun araddaa qabu gurguree, hojii isaa fidee ergamootatti kenne.**

**4:36 "warra Leewwii keessaa, namni Yoseef jedhamu"** Kakuu Moofaan warri Leewwii (luboonni) akka lafa hin qabanne ni dhorka, garuu aanga'oonni warra Roomaa wana phalestiinaa keessaa baay'ee jijjiiraniiru.

▣ **"ergamoonni Baarnaabaas"** jedhanii isa waamani kana jechuunis "ilma jajjabeessu" jechuudha" kun hiikaa beekumaa "Baarnaabaas"dha. Akka afaan arama'ikiitti "ilma raajii" jechuudha. Inni hiriyaa fi nama Phaawuloosii wajjin adeemu ture. Eusebius, abbaan seenaa waldaa durii akka jedhutti inni warra torbaatama Luq 10 keessa keessaa tokko ture.

**MATA DUREE ADDAA: BAARNAABAAS**

I. Namicha
   A. Qophrositti kan dhalate (HE 4:36)

B. Warra Leewwii keessaa kan ture (HE 4:36)
C. "Ilma jajjabeessu" jedhamee moggaafame (HE 4:36; 11:23)
D. Miseensa waldaa Yerusaalem (HE 11:22)
E. Kennaa hafuuraa, raajii dubbachuu fi barsiisuu qaba ture (HE 13:10)
F. Ergamaa jedhameera (HE 14:14)

II. Tajaajila isaa
A. Yerusaalem keessatti
1. Qabeenya isaa gurguree hojii isa hiyyeessota gargaaruuf ergamootatti kenne (HE 4:37)
2. Geggeessaa waldaa Yerusaaleem (HE 11:22)
B. Phaawuloosi wajjin
1. Inni warra jalqaba amanuun Phaawuloos dhugaa ta'uu isaa fudhatan keessaa tokko (HE 11:29)
2. Xarsees dhaqee Phaawuloosin barbaadee waldaa haaraa chi turte gargaaruuf Anxookiyaatti isa fide (HE 11:24-26).
3. Waldaan Anxokiyaa Barnaabaasii fi saa'oliin buusii gargaarsaa wajjin waldaa Yerusaalemitti ergite (HE 11:20-30)
4. Barnaabaasii fi Phaawuloos adeemsa isa jalqabaa wajjin deeman (HE 13:1-3)
5. Barnaabaas Qophroositti (kutaa biyya bishaan keessaa lafa itti dhalate) geggeessaa ture, garuu itti aanee geggeessaa Phaawulostu mil'ata (cf. HE 13:13)
6. Tajaajila isaanii Ormoota gidduutti godhan ibsuufi galmeessuuf waldaa Yerusaaleemiif gabaasa dhi'eessan (HE 15, walga'ii Yerusaaleemitti ta'e jedhama).
7. Barnaabaasii fi Phaawuloos yeroo jalqabaatiif seera nyaataa warra Yihudootaa fi amanuu warra saba Waaqayyoo hin ta'inii irratti waldhaban (Gal. 2:11-14).
8. Phaawuloosii fi Barnaabaas adeemsa isa lammaffaa wajjin karoorsan, garuu waa'ee durbii Baranaabaas, Maarqoos irratti waldhaban (cf. Qol 4:10), Maarqoos hojicha yeroo adeemsa isa duraa dhiisee deebi'ee (cf. HE 13:13). Phaawuloos adeemsa isa lammaffaatti isa wajjin adeemuu dide, kanaaf gareensuu adda ba'e (cf. HE 15:35-41). Kun gareen lama akka uumamu godhe (Barnaabaas) Maarqoos fi Phaawuloos/siilaas).
9.

III. Seenaa Waldaa (Euse bius)
A. Barnaabaas warra torbaataman Yesuusiin ergaman keessaa tokko ture (cf. Luq 10:1-20)
B. Inni akka kiristiyaana tokkootti dhiphatee aarsaa ta'ee biyya isaa Qophrositti du'e.
C. Tertulliyan akka jedhutti ergaa Ibirootaa isatu barreesse
D. Xalayoota ergaawwan warra kaaniin wal hin fakkaanne barreesseera kan jedhus jira.

**4:37 "aradaa qabu"** Kun jecha yeroo baay'ee lafa tokko ibsuudhaaf gargaaru miti. Boqonnaan 5 maallaqa haala kanaan walitti qabamu qisaasesuudhaaf qaawwi akka jiru agarsiisa. Fakkeenyaaf inaaffaadhaan, sobuudhaan, fi du'aan)

## GAAFFIIWWAN MARII

Kun qajeelfama qo'annaa irratti yaada kan kennuudha. Kana jechuunis ati Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa keetii laachuudhaaf itti gaafamummaa qabda. Tokkoo tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabaa qabdu. Kanas yaada namaatiif dhiisuun sirra hin jiraatu.

Gaaffiiwwan marii kun akka dhimoota gurguddoo kutaa Macaafa kanaa yaaduuf si gargaaruuf kennaman. Isaan kun kan yaada kaasan malee kan ibsa irratti laatan miti.

1. Saaduqoonni eenye? Isaan maaliif akkas maraatan?
2. Angafoonni lubaa fi warri biyya seerratan maal isaan
3. Barbaachisummaan Farf. 118 maalini?
4. Lakkoofsi 12 maaliif baay'ee barbaachisaa ture?
5. Murtoon duraan dursee murtaa'ee lakkoofsa 28 irra jiru karoora fayyinaa namaa moo kan Waaqayyoo agarsiisa? Maaliif?
6. 4:32-5:11 keessatti Luqaas waldaadhaaf murtuu fakkeenya ta'uu danda'u kaa'uu isaatii.

# HOJII ERGAMOOTAA 5

## JIJJIIRAA AMMAYYAAIN KEEYYATAA QOODUU

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Anaaniyaas fi Safiiraa | Afuura Qulqulluu sobuu | Qabeenya addaan hiiruu | Anaaniyaasii fi Safiiraa | Anaaniyaasii Safiiraan gocha waliin dhahuu (fraud) hojjechuu isaanii (Afaan faajjeessuu) |
| | | (4:32-5:11) | | |
| | | 4:32-5-6 | | |
| 5:1-11 | 5:1-11 | | 5:1-6 | 5:1-6 |
| | | 5:7-11 | 5:7-8 | 5:7-11 |
| | | | 5:9-11 | |
| Milikkinnii fi dinqiwwan hedduun hojjetamu isaanii | Humni waldaa keessatti itti fufuusaa | Ergamoonni yeroo lammaffaaf qabamu isaanii | Raajii fi dinqiiwwan | Haala waliigalaa |
| 5:12-16 | 5:12-16 | 5:12-21a | 5:12-16 | 5:12-16 |
| Ari'atamuu ergamootaa | Ergamoonni hidhaman hiikamuu isaanii | | Ergamoonni Ari'ataman | Qabamu ergamootaa fi gadhiifamuu isaanii |
| 5:17-26 | 5:17-21 | | 5:17-26 | 5:17-18 |
| | | | | 5:19-21a |
| | | | | 'Sanhedrin' fuulduraa akka dhaabbataniif waamamuu isaa |
| | Dhimmi ergamoota irra deebi'amee ilaalamu isaa | 5:21b-26 | 5:21b-26 | 5:21b-26 |
| | 5:22-32 | | | |
| 5:27-32 | | 5:27-32 | 5:27-28 | 5:27-33 |
| | Gorsa Gamaliel | Gamaliel | 5:29-32 | |
| 5:33-42 | 5:33-42 | 5:33-39a | 5:33-39a | Gamaliel gidduu galuu isaa |
| | | | | 5:34-39a |
| | | 5:39b-42 | 5:39b-42 | 5:39b-41 |
| | | | | 5:42 |

## DUBBISA MARSAA SADAFFAA (A Guide to Good Bible Reading ulla Vii irraa)

*Gulantaa keeyyataatti bu'uura kaayyoo barreessaa hordofuu*

Kun qajeelfama qo'annoo yaadaa kan wangeelaa Macaafa Qulqulluu hiikuudhaaf itti gaafatamummaa kee baatudha. Tokkoon tokkoon keenya ifa qabnu keessa deddeebi'uu qabna. Ati /isin, Macaafni Qulqulluu fi afuurri qulqulluun, hiikkaa keessatti warra dursee/jalqabaati. Warra yaada kennaniif jettees dhiisuu hin qabdu.

Yeroo kennameef keessattii boqonnaa isaa dubbisi. Dhimma isaa adda baafadhu. Dhimma adda baafattees, qoqqooddaa jijjiirraa ammayyaa shahan wajjiin walbira qbiitii madaali. Keeyyaataan kaa'uun kees sirraawwaa ta'uu qaba. Garuu kaayyoo jalqabaa kan barreessaa sanaa hordofuu qaba. Kunis onnee hiikaati. Keeyyatni kamiyyuu dhimma ijoo waldeeggaru /tokkoof tokko ta'e/ qaba.

1. Keeyyata tokkoffaa

2. Keyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Haaluma kanaan itti fufa (etc)

### QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

**BARREEFFAMA NASB (FOOYYA'AA) 5:1-6**
**[1]Namichi Anaaniyaas jedhamu tokko ture; inni haadha manaa isaa Safiiraa wajjiin waliigalee, lafa qaban tokko gurgurate. [2]Horicha irraa garuu dhokfatee, *gartokkoo* fidee ergamootatti kenne; kanas immoo mare haadha manaa isaatiin waan godheef, isheen gaarii gootee beekti turte. [3]Pheexisoos yommuus, "Anaaniyaas, akka ati hafuura qulqulluu sobduuf, horii araddaa kee itti gugurte keessaas akka *dhokfattuuf*, malaiif seexanni yaada garaa kee keessa guute?" [4]Qabeenyi kee kun utuu ati *hingurguin* kankee ture, erga gurgurtees horichi harka kee keessa jira mitii ree? Attamitti garaa kee keessatti kana maltee ree? Ati namoota sobde miti, Waaqayyoon sobde malee" jedheen. [5]Anaaniyaas dubbii kana yommuu dhaga'e, lafa dha'ee du'ee, warri kana dhaga'an hundinuus, guddaa sodaaatan. [6]Dargaggoonni immoo dhufanii reeffa isaa kasanii, geessanii awwaalanis.**

**5:1 "Anaaniyaas"** Maqaan guutuun isaa Ibrootaan "Anaaniah" Ananiah" kan jedhu yoo ta'u innis YHWN'n "kennaa gaarii qaba" ykn "YHWN'n gaariidha" jedhuudha.

▣ **"Safiiraa"** Haadha manaa Anaaniyaas turte. Maqaan ishees Afaan Yihudootaa (Aramaic)tiin midhagduu jechuudha.

**5:2"Hanbifatan"** jechi kun (*nasphizomai*) beektota torbaataman /sptuagaint/ (LXX) Iyyaasuu 7:1 cubbuu Aakaan hojjete ibsuuf tajaajileera. "F.Bruce" wanta Anaaniyaan waldaa du'ittii raawwate, kan Aakaan to'annaa keessatti godhee irratti komii dhiyeesseera. Cubbuun kunis waldaalee guutuu jeequu/rakkiisuuf huma ta'eera. Waldaalee jchi kun Titoos 2:10 irrattis hojjettoota hojjechiifataa hataniif fayaadidaarra ooleera.

▣ **"gartokke fidee ergamootatti kenne" (bringin apportion of it, he laid it at the apostles feet)** Kun Barnaabaas 4:37 irratti dalagetti fakkeeffama. Gochoonni lmaan kunneen mirga qabeenya ofii gurguruu ykn dhiisuu qabu turan. (cf. lak 4). Mirga qabeenya isaani muraasa ykn hunda dalaga gooftolii isaaniif kennu qabu turan. Mirga qaama gartokkee kennu hin qaban ture. Garuu hunda akka kennaniif labsiin ba'ee ture. Sababiin fi

gochi walfakkaataa isaan godhan kunis onnee/laphee isaanii ibseera. (cf. lakk 4c). Luq 21:14). Waaqayyo onnee ilaala (cf. 1Sam. 16:7; 1Mot 8:39; 1Chre 28:9; Fale 21:2; Nah 17:10; Luk 16:15; HoE 1:24; Rom 8:27).

**5:3 "seexana…Afuura quqlulluu"** (satan… Holly sprit) kun humnoonni afuuraa lama kanneen addunyaa keenyaa fi jireenya keenya keessatti hojjetaa jiraachuu isaanii ibsa agarsiisa. Efe 2:2-3 diinonni sadii kanneen uumama namummaa boodaa, tarreeffamaniiru. (1) sirna kufaatii biyya lafaa (2) kan namummaa namaa qoru fi (3) kufaatii uumama keenyaa.

**MATA DUREE ADDAA: HAMMEENYAA DHUNFAA**

Sababa hedduu kaasuuf kun dhimma baay'ee ulfaataadha.

1. Kakuu Moofaan waaqimboo dina namaa (archenemy) haala gaariin hin bisu. Garuu tajaajilaa/hojjetaa YHWH kan filannoo dhala namaaf kennuu fi gocha sirrii hin taaneef kan himatudha.
2. Yaadni dhunfaa Waaqayyoottii diina guddaa ta'uu kan babal'ate gidduu galinsa hogbarruu Macaafa Qulqulluu (haala madaalli hin kaafneen (non canonical) dhibbaa amantii pershiyaatiiniii (*zoroostrianism*)dha. Kunis, buubatti deebi'ee, duree amantii biyohoo kan judizimii (Rabbinical judicism) jeeqeera.
3. Kakuu haaraan, ergaa guddaa Kakuu haaraa haala dinqisiifannaa ifa ta'een: garuu keessaa rammaddiiwwan isaa filatee

Yoo namni tokko qo'annoo jinnii/waan garaa/ (evil) ogummaa (perspective) barnoota Macaafa Quqlulluu (biblical theoloty) irrattii garga baasuuttii dhiyaatee (tokkoon tokkoon macaafootaa ykn barreessaa ykn haalli barreeffama hogbarruu isaa ni qoratee gargara baasee ni murteessaa kana booda ilaalchiwwan jinnii baay'een ni ibsamu.

Yoomillee yoo namni tokko qo'annoo jinnii obsa miti Macaafa Quqlulluu (non babilical) ykn Macaafa Qulqulluun ala kan ta'an amantiin Addunyaa ykn amantii gara bahaatti dhiyaate; guddinni kakuu haaraa hedduun amantii peershiyaa 'dualism' jedhuu fi 'Greco Roman Spritism' jedhuun haguugameera.

Yoo namni tokko dhugaadhumaan fudhatee, Aangoo humna Waaqayyoo of Macaafa Quqlulluu barreessuuf waadaa gale, kana booda guddinni Kakuu Haaraa akka Mul'ata babal'achaa deemuutti ilaalamuu qaba. Kiristaanonni yaada wangeelaa hiikuuf aadaa Yihudootaa (Jewish folklore) ykn ogbarruu warraa dihaa kana (kana jechuun, Dante, Milton) fudhachuu dhiisuu irraa of dhorkuu/eeguu qabu.

Naannoo Mul'ata kanaa kan jiru, kan hiikni isaa shakkisiisaa ta'ee fi kan waan maddi isaa hin beektamne (mystery)dha. Kan Waaqayyo filates amaltoota jinnii (Afuura haamaa) (evil) madda isaa fi kaayyoo isaa ibsuu osoo hin taane, kufaatii isaa beeksisuudha. Kakuu Moofaa keessatti jechi seena ykn himataa jechu garee adda addaa sadii wajjiin wal qabatu fakkaata.

1. Himataa, Namaa (humna accuser) (Isam 29:4; 2Sam. 19:22; 1Mot 11:14, 23, 25, Far. 109:6)
2. Himataa Ergamaa (Angelic accuser) (Lakk. 22:22-23; Zak 3:1
3. Himataa Afuura hamaa/jinni (demonic accuser (1Sen 21:1; Mot. 22:21; Zat 13:2)

Bara giddugalaa ragaa (intertestament) booda bofti Uma 3 irra seexana wajjiin adda ba'ee ibsama (cf. "Book of Wisdom" 2:23-24; 2Henok 31:1, malee hanga ammaatti illee kan fialnnoo barsiisaa seera ta'e miti. (cf. Sot 96 fi Sanh 29a). "Ilmaan Waaqayyoo" kan Um 6 jedhu, 1Enoch 54:6 irratti ergamoota ta'aniiru, sirrummaa isaa gama barnoota amantiin (theologically) ibsuu koo miti, garuu guddina isaa agarsiisuudhaafanii Kakuu Haaraa keessatti gochaawwan Kakuu Moofaa kunneen 2Qor 11:3; Mul 12:9 irrattii namummaa hamaa (i.e. Seexanaaf) gumaachaniiru/ibsuuf tajaajilaniiru.

Kakuu Moofaa irraa madde seexanaa murteessuun ilaalcha irratti hundaa'ee ulfaataa ykn kan hin danda'amnedha. Kanaafis sababa kan ta'u Waaqa Israa'el isa jabaa tokkichaa (Israal's strong monotheism)dha. (cf. 1Mot 22:20-22, Lall 7:14; Isa 45:7; Amos 3:6). Sababoonni dhiyaatan hundinuu (all causality): Addummaa fi olaantummaa YHWH mirkaneessuu keessatti gumaacha godhaaniiru. (cf. Isa 43:11; 44:6,8,24; 45:5-6, 14,15,21,22)

Maddoonni ragaa ta'uu danda'an kan isaan xiyyeeffatan (1) Iyo 1-2, bakka sexanni "Ilmaan Waaqayyoo" keessaa tokko taatee ergamoota jechuudhaan dhiyaate. Ykn (2) Isa 14; His 7:28, bakka oftuultoonni

mootummoolee gara bahaa 9baabiloonii fi xiiroos), olaantummaa/oftulummaa seexanaa argisiisuuf itti dhimma bahan. (cf. 1Xim. 3:6). Anis miira (emotion) waa'ee ilaalcha kanaa walmaksiiseera. Hisqeel akka seexanaatii His 28:12-16). Dhaaba Waaqayyoo Eden mootummaa Xiiroos qofa bakka buuse osoo hin taane mootummaa Gibxiifillee akka muka beekumsa gaariif yaraa (qoode evil) bakka buusee. (His 31). Kana ta'uyyuu, Isa 14, addummaan immoo Lakk 12:14 oftuulummaan ergamootaatiin akka mormu waan ibsu fakkaataa. Otoo Waaqayyoo adda baasee maddaa fi uumamaa seexanaa, nuuf ibsuu barbaadeera ta'ee kun daandii qaxaamuraa fi bakka ittii hojjetaan ta'ayyu nutis dirqama, toftaa kallattii waliigalaan waan xiqqoo barnoota amantii, qaama ulfaataa ragaa gara garaa (ambiguous testaments), barreesstootaa, kitaabolee, fi odeeffannoo mormuu irraa of eegannee akka hiphoo Waaqayyootti (divine puzzle) walsimsiisuu qabna.

"Alfred Edersheim" *(The life and Times of Jesus the Massial* Vol 2 appendices XIII (pp. 748-763)) jedhuuti, dureen "dualism" jedhamuu fi tumaama/yaada jennii 9demonic speculation) baay'ee jeeqamee ture. Bakka kanatti barsiisonni (Rabbis) dhugaatiif madda sirrii miti. Iyyaasuusis battalumatti barsiisa manneen sagadaa warra hurrii ba'an (synagogue) irraa adda ba'e. Akka yaadutti; yaadni barsiisa ergamaan gidduu galuu fi seera tulluu siinaarratti Museetti kennameen mormuu ergama YHWHtti akkasumas dhala namaatti diina guddaa (archenemy) ta'uuf balbala baneera.

Waaqoolii gurguddoo lamaan Iraan (Zoroastrian)

'Alkimai fi Ormaza', gaarii fi garaa yaada barsiisaa kanaa amantii Yidhudootaa kan lamummaa 9dulaism of YHWH & Satan) daangeessu guddiseera. Akka guddina jinni (waan yaraatti (evil)

Kakuu Haaraa keessatti dhugaadhumaan mul'ata wlairraa hin icnneetu jira, garuu akka labsii barsiisotaatti kan of eeggannoon ibsame miti. Garaagarummaa kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u "lola samii keessaa" (War in heaven" kan jedhuudha. Kufaatiin seexanaa adeemsa barbaachisudha. Garuu murteewwan isaa hin kennamne. Wanti kennamellee hogbarruu balaa guddaa ibsan (2po. Calyptic gence) haguugameera) dhokateera. (cf. Mul 12:4,7,14-13). Ta'uuyyuu sexanni mo'amee gara lafaattis darbatameera, hanga ammaattis akka hojjete YHWHtti tajaajilaa jira. (cf. Mat 4:7; Luq 22:31-32; 1Qor 5:5; 1Xim 1:20)

Nutis dirqama dharraa waa hubachuu keenyaa bakka kana keessatti to'achuu qabna. Humni nama qoruu tokkoo fi hamaa (evil) ta'e ni jira. Garuu hanga ammaatti Waaqa tokkichaa fi dhala namaa qofatu filannoo isaatiif deebii ta'a. Lollii afuuraas fayyina duraa fi booda ni jira, mo'ichi kan argamuu fi kan nama harka turu, Gargaarsa Waaqayyootiin qofadha. Jinnii/hafuurri hamaa mo'atamee jira, ni ba'a/ni gadhiisa.

▣ **"guutame"** Jechi kun afuurri ittii fayyadamuu tokkuma (cf. Efe. 5:18) Guutamuun waliin hojjachuu barbaade! Nuti waan tokkoon guutamneerra! Seexannis keessattii himraachuu danda'a. Garuu nuti ittii gaafatamummaa ykn deebii ta'uu qabna (cf. Luq 22:3-6). Caaffata "*three Crucial Questions about spiritual warfare*" jedhu kan "clintonE. Arnold"n maxxanfame dubbisi. Kun dhiibbaa seexannii jireenya amantoota keessatti qabuufis ragaadha. (cf. 1Yoh. 5:18-19). Yaadannoo guutuu 2:4 fi 3:10 irra jiru ilaali.

▣ **"Afuura qulqulluu sobuu"** (to lie to the holy spirit) Isaan Pheexiroosii fi waldaa sobanii, garuu dhugaan isaa yeroo ilaalamu afuura qulqulluu sobani. Gama tiyooloojii (theologically) tiinis kun, gaaffii Iyyaasuus daandii Damaasqoo irratti phaawuloos gaafateen baay'ee kan walfakkaatuu maaliif na ari'attaa?
(cf. HOE 9:4). Phaawuloos amantoota dhunfaa ari'achaa ture, garuu Iyyaasuus akka kan ofii isaatti fudhatee (akka waan isa ari'atuutti fudhate) akkuma asitti afuura qulqulluu irratti dalageessan kanatti jechuudha. Kunis jecha amantoota bara kanaaf of eeggannoo ta'edha.

**5:4 "ati nama sobde osoo hin taane Waaqayyoon sobde"** waa'ee maallaqaa irraa hanbifachuu isaanii otoo hin taanee, ofii isaaniif waan afuura qulqulluu argan of godhanii sobuu isaaniiti. Hubadhu, gaariillee ta'e gochi arjummaa, kan kaka'umsaa badaa waliin hojjetamu cubbuudha. Hubadhu afuurri qulqulluun lak 3 irratti Waaqayyo jedhame ibsameera.

**5:5 "lafa dhayee du'e"** Addunyaa dirii keessatti,namni tokko du'e jechuun ragaa afuurri nama tokkoo keessaa ba'uuti (cf. Abo 4:2: His 21:7 LXX keessatti). Jechi kun darbee Kakuu Haaraa keessatti Hojii Ergamoota qofa (cf. HoE 5:7, 10; 12:23) keessatti argame. Knis murtee yeroof fakkeenya ta'a. kunis murtee Waaqayyo Lew 10

irratti ilmaan Aaroom irratti fudhateen walfakkaate cubbuun Waaqayyoof ciggaasisaadha. Lubbuu kasaarsa (cf. Amol 14:6; His 18:4,20).

▣ **“sodaa guddaan hunduma isaaniirraa ga’e”** Kan ta’uu danda’e, kaayyoo murteee yerootiif ture. Kun Kakuu Moofaatiif du’a madabii fi Abiyyuu Lew 10 irra jiruu fi du’a Uziyaa kan 2Sam 6 irra jiruun walfakkaata (analogous). 1Qor 11:30 fi 1Yoh 5:16-17 irratti hundaa’uun, cubbuun amantootaan adeemsifamu du’a akka dhalu yaaduuf ni danda’ama madaalli qulqulluummaa (transcendence) fi abbummaa Waaqayyo eeguun baay’ee ulfaataadha.

**5:6 “isaaniis isa ni awwaalani”** Yihudoonni jaarraa 1ffaa keessa turan keemikaala reeffattii naquu yaalii hin godhan ture. (ammallee hin godhan) tarii sababii Uma 3:19 (cf. Far 103:14, 104:29)tiif ta’uu hin oolu. Namni du’e tokko yeroo mara guyyaa tokkoo keessatti dafeet awwaalama. Sababa mufannaan jiruuf tajaajiilli yaadannoo (siidaa) ykn inni awwaalcha kiristaanoota kan biroonis hin turre.

**MATA DUREE ADDAA: YAALII/SIRNA AWWAALCHA**

I. Mesoopotaamiyaatti
   A. Awwaalchi gaariin gammachuu jireenya boodaatiif baay’ee barbaachisa ture
   B. Fakkeenya Meesoopootaamiyaan kun Abaarsa dacheen tarii reeffa kee fudhachuu ni dhisti jechudha.

II. Kakuu Moofaa keessatti
   A. Awwaalchi sirna qabeenya ta’u baay’ee barbaachisadha (cf. Lal 6:3).
   B. Hatattamaan hojjetama ture (cf. Um 23 irratti Saaraa fi Uma 35:19) irratti Raahel fi Keessa Deebii 21:23 kan beeksifame)
   C. Awwaalchi sirna qabeessa hin taanee mallattoo falmii cubbuuti
      1. Keessa Deebii 28:2
      2. Isaayyaas 14:2
      3. Emriyaas 8:2; 22:19
   D. Yoo ni danda’am ta’e, Awwaalchi Qinaaxxii maati. Ykn holqa naannoo mana jiru keessatti ta’aa ture.
   E. Akka warra Gibxii (Egypt), keemikaalaa itti dabaluun hin ture. Dhalli namaa kan dhufe biyyoo irraa waan ta’eef dirqama biyyootti deebi’uu qaba (Uma 3:19, Far 103:14; 104:29)
   F. Duree/barsiisa seera amantii Judizimii keessatti kabaja sirna qabuu fi ba’aa qaamoota du’anii yaada kabaja xumuraa’ummaa kan qaamota du’anii wal qabatuuf sana baachuun/qabachuun madaaluun ulfaataa ture.

III. Kakuu Haaraa keessatti
   A. Awwalchi hatattamaa du’a hordofee, yeroo hundaa sa’aatii 24 keessatti ta’a, Yihudoonni yeroo maraa guyyoota sadiif awwaala (grave) egu. Kunis, lubbuun yeroo sa’aa kana keessatti gara fooniitti deebitee namni du’aa kana jedhanii waan amananiif ture. (cf. Yoh. 11:39).
   B. Awwaalcha quqlulleessuu fi Qaama du’aa sana huccuun haguuganii quyyifa (spices) ittii naquun xiyyeeffannoo keessa galeera.
   C. Awwaalcha Yihudoota (selds) ykn Adeemsi Awwaalcha kiritstiyaanootaa ykn meeshaa Awwaala keessattii taa’e kan jaarraa 1ffaa palestaayinii gidduu garaagarummaan hin turree.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYYA’AA) 5:7-11**

**7Akka sa’aatii sadii kan ga’u turtee haatii manaa isaa, waan abbaan manaa ishee ta’e utuu hin beekin dhufte. 8Pheexiroos immoo, “araddaa keessan dhuguma hammaa kanatti gurgurtanii? Anatti him!” jedhe: isheenis, “Eyyee, nuyi hammasumatti gurgurre” jetteen. 9Pheexiqoos garuu, Hafuura Gooftaa qoruudhaaf, kan isin waliigaltan kun maali? Warri abbaa manaa kee awwaalan kunoo, ammaa balbala dura jiru, sis immoo gad si baasuu!”** ***ittiin jedhe.*** **10Isheenis yommuusumas miilaa isaa jalatti lafa dhoftee duute: dargaggoonni sun ol galanii akka duute yommu argan, gad baasanii abbaa manaa ishee bukkeetti ishee awwaalan. 11Waldaan amantootaa guutummaatti, warri kana dhaga’an hundinuus guddaa sodaaatan.**

**5:7 "sa'aatii sadii kan ta'u"** Kunis jabina/jireenya ragaa ijaatiin lakkaa'amu ibsa. Barreeffamni Luqaas bal'inaan yaada kanaan amaleeffame.

**5:8** Sobni, gocha/taatee yeroo duriirraa itti fufinsaa dhufedha!

**5:9 "Qoruu"** Kan jedhu ibsuuf jechoota Giriik lamatu jiru. Kanneen keessaa tokko "Diigumsaaf yaadaan qoruu" kan jedhu bakka bu'sanii ibsu. Kunis kan ibsamuu danda'u Ba'u 17:2 fi Kees 6:16 bakka barreeffamoonni kunneen YHWH qoruu irratti dhorkan (cf. ps 78:18.41.56).

**MATA DUREE ADDAA: JECHOOTA GIRIIKII QORUU BAKKA BU'ANII FI KAN ISAAN IBSAN**

Jechoota Giriikii kanneen yaada kaayyoodhaaf nama tokko qoruu qaban lamatu jiru

A. *Dokimazō, dokimion, do kimasia*

(Dookimazo, dookimiyon, dokimasiya) jechi kun jecha ogeessii sibilaa tokkoo sanyii waan tokkoo qorachuuf (kana jechuunis, nama bakka busuudhaan). Ibiddatti gargaaramuudha. Ibiddi xuraa'aa irraa gubuudhaan sibila dhugaa agarsiisa/ibsa. (Kana jechuun, qulqulleessuudhaanis. Aseemsi fizikaalawaa kun Waaqayyo fi seexana/namaafis warra kan qoruuf taajilu, miira sirrii ta'e, fudhatama qabuun wal qoruu keessattii qofa. Kakuu haaraa keessatti qormaanni kun kan fayyadu

1. Oksijinii Luq 14:19
2. Ofii keenya 1Qor 11:28
3. Amantii keenya Yoh 1:3
4. Waaqayyoollee Ibr 3:9 bu'aan qormaata kanaas nama sirrii akka ta'anitti fudhatama. (cf. Rom 1:28; 14:22; 16:10; 2Qor 10:8; 13:3; Fil 2:27; 1Phex 1:7). Kanaafuu jechi kun yaada nama tokko qoruu fi foyyeessuuf kan tajaajilu.

B. *Pejrazō, Perirasmus*

(Perirazō, perirasmas) jechi kun ibsa bakka bu'insa (connection) kan kaayyoo badii/dogoggorsaa fi balfa qoraniidha. Kun yeroo maraa lafa onaattii yeroo qoramaan Iyyaasuus walqabatee tajaajileera.

1. Iyyaasuus qabachuuf yaalii adeemsifame keessatti geejjibee/tajaajileera (cf. Mat 4:1; 16:1; 19:3; 22:18,35; mar 1:13; Luq 4:38; Ibr. 2:18)
2. Jechi kun (pecrazo) Mat 4:3; 1Tas 3:5 irratti akka aankii (title) seexanaatti tajaajileera
3. Waaqayyoon hin qoriin kan jedhuunis Iyyaasuus itti fayyadameeera. (cf. Mat 14:7; Luq 4:12). Yaalii wanta dadhabame tokko hojjechuuf ibsuufis tajaajileera. (cf. HoE 9:20; 20;21; Ibr 11:29)
4. Qoramuu fi ilaalamuu amantootaatiinis walqabatee tajaajileera.

**5:10** jechichis "dargaggoora" ibsuuf gargaara malee lakk 6 irraa kan jiru jecha "*neōteroi*" neaniki" jedhurraa addadha. Otoo jechi kun dhugumaan gargaarummaa Aangoo ykn gargaarummaa garee dargaggoota waldaa ta'e sirrii kan hin taanedha. Jechoonni Giriikii lamaan kunneennuu, kan isaan dhufan hidda ykn gosa jedha tokkoo *(neous)* irraa ture.

**5:11 "sodaa guddaa… warri kana dhaga'an hundinuu"** Kan sodaa guddaa sababa malee nama muudatutti hiikamutti yeroo baay'ee miira kana ibsuuf itti fayydameeera. (cf. Luq 1:69; 3:37; HoE 19:17). Amantootaaf miiraa tabaroo kabajaa fi ulfinaati, garuu, miti amantootaaf warra hin amanneef miira yakka/balaa, sodaa fi shororkeessummaati. (cf. Luq 12:4-5; Ibr. 10:31).

▣ **"waldaa"** Kunis kan yeroo jalqabaatiif jechi kun hojii ergamootaa keessatti tajaajile ta'uyyuu fudhatama waraabbii Macaafa (teatus Receptusan 2:47) irratti ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: WALDAA (*EKKLESSIA*)**

Kunis jecha Giriik *"ekklesia"* kan jedhudha. Innis jechoota lama kanneen "kanarra kan caalu" (out of) fi jedhamu "called" irraa dhufe. Kanaafuu, jechi kun kan inni madaalu "Gama Waaqaummaatiin waan tokkoo ala" kan jedhudha. (The divinely called out-ones) waldooleen durii jecha kana fayyadama addummaa amantii (Sevular user) irra kan fudhattee (cf. HoE 19:32,39,41) fi sababa beektonni torbaatamii (septuagint's) jecha kana "walitti qabamuu" (congregation) Israayelootaaf ittii fayyadamaniifidha (cf. lakk 16:3; 20:40). Isaanumtuu walitti fufinsaan akka saba Waaqayyoo bara Kakuu Moofaa keessatti ittii fayyadamaniiru. Isaan Israa'eeloota Haaraa turani (cf. Rom 2:28-29). Gal 6:16; 1Phex 2:5; Mul 1:6). Ergaa Waaqayyo Addunyaa guutuuf qabu mirkaneessuudhaf (cf. Uma. 3:15; 12:3; Ba'u 19:5-6), jechichi walgeelootaaf Hojii Ergamootaa keessatti haala baay'eedhaan itti dhimma bahameera.

A. walgahii magaalaa, HoE. 19:32,39,41
B. ummata Waaqayyoo waliigalaa karaa Kiristoosiin, Mat. 16:18 fi Efesoon
C. waldaa amantootaa qe'ee karaa Kiristoosiin Mat. 18:17; HoE 5:11 (waraabbii kana keessatti waldaa Yeruusaalem)
D. ummata Israa'el waliigalatti HoE. 7:38 Lallaba Isxifaanoos keessatti
E. saba Waaqayyo naannootti HoE. 8:3 (Yihudaa ykn Filisxeema)

**BARREEFFAMA NASB 5:12-16**

**12 Yommuus Milikkinni fi dinqin baay'een harki ergamootaatiin saba sana gidduutti ni hojjetama ture; amantoonni wal ga'u turan. 13 Warra kaan keessaa garuu namni tokko illee dhimma isaanii keessa lixuudhaaf ija hinjabaanne. Saba duratis maqaa gaarii qabu turan. 14 Kana hundumaa irrattis warra gooftaatti amanan, dhiironniis, dubartoonnis, ittuma baay'atan. 15 Dhukkubsattoota baay'ee iyyuu, yommuu Pheexiroos karaa sana irra darbu gaadidduun isaa isaan keessaa tokko tokko irra illee haa buufatuuf sireedhaan, muka wasaasaatiinis fiddanii karaa irra ni kaa'u. 16 Mandaroota naanna'aa Yerusaalemiis namoonni danuun dhukkubsattootaa fi warra hafuuronnii hamoonni rakkisan fidanii ni dhufu; warri geeffaman hundinuu ni fayyifamu turan.**

**5:12-16** Kun ijoo (cunfaa Ijfa ta'e) kana mala Hojii Ergamootaa labsudha (cf. 2:43-47 fi 4:32-35).

**5:12 "milikkitootaa fi dinqiiwwan baay'ee"** Kunis AGARSIISTUU HANQINA WANTA SI'AAYINA HINQABNEETI (denotes). Jechoonni kunneen lamaanuu waraabbii (quote) Pheexiroos Yoo'el 2 irra fudhatee Hojii Ergamoota 2:19 irratti lallabe; keessaas ni jira. Raajii (Miracles) hedduun irra deeddebi'ame hojjetamaa tureera (cf. 2:43; 4:30; 5:12; 6:8; 7:36; 14:3; 15:20). Yaadadhu. Raajiiwwan gurguddoon (miraculous) kallattumaa (outomatically) mallattoo dhumaa miti (cf. Mat 24:24; 2Tas 2:9). Garuu kan daandii ergaa kiristaanota cimsuu/adda basee ibsudha.

▣ **"hundumtuu gidduusaanitti hojjetamee ture"** yaadannoo/barreeffama 1:14 irra jiru ilaali.

▣ **"gardafoo Salamoon keessattii"** Kun mana utubaan dhaabbatee jallii isaa banaa ta'e kan naannoo mana quqlullummaatti argamu kan gara bahaatii dhaaba mana murtii warra Yihudootaa hin taanee irra kan turedha. Iyyaasuusiis yeroo baay'ee barsiisaa ture (cf. Yoh 10:23). Innis baka jalqabaaf Pheexiroosii fi Yohaannis itti hidhaman qabaman ture.

**5:13**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"warra kana keessaa namni tokkollee dhimmasaanii keessa lixuuf ija hin jabaanne"** |
| **NKJV, NRSV** | **"warri kaan dhimmasaanii keessa galuuf ija hin jabaanne"** |
| **TEV** | **"garee sanaan ala namni biro dhimmicha keessa hin galle"** |
| **NJB** | **"namni tokkollee dhimmasaanii keessa galuuf ija jbaanne"** |

Kun gaalee yeroo mara itti hin fayydamnedha. Innis qaama Waaqummaa (negative)tiin 'sodaaa' (fear) waan ibsu fakkaata. Barreeffamakana keessatti gareewwan hedduun ka'aniiru (cf. lak 12-16). Irra caalaatti immoo ta'iin sun Iyyaasuutti amanu irraa madde (cf. #5 fi haala danda'ameen #6 fi #7) ykn amantii Iyyaasuu irratti cimsuu irraa madda (i.e #3).

1. ergamoota, lak 12
2. namoota lak. 12,13
3. amantoota (i.e kanneen gardaafo Salamoon itti walitti qabaman) lak 12
4. warra kaan (geggeessitoota Yihudootaa, lak 13)
5. amantoota haaraa, lak 14
6. dhukkubsattoota Yerusaalemiitti argaman lakk 15
7. dhukkubsattoota fi warra afuuroonni hafaan keessa jiranii naannoo mandarittittii (Yerusaaleemitti) argaman, lak 16

GIDDUUGALAA QAAMALA (infinitive) YEROO AMMAA "itti dabalamuu/dhimmasaanii keessa galuu" (to associate) jedhuu gama hogbarruutiin "itti maxxansuu/walqabachiisuu" (to glue) jechuudha. Luqaas jecha kana yeroo hedduu itti fayyadameee garuu miira gara garaa hedduu keessattidha. Asitti garuu kan inni ibsu "Qaama garee haaraa sana ta'uu dhiisuudha." Warra Yesuus masihicha isaa abdachiifame ta'uusaa amanan.

**5:14 "amantoota"** Kunis SUUDDOOWWAN SI'AAWOO YEROO AMMAA' (PRESENT ACTIVE INFINITIVE) kan gocha adeemsifamaa jiru bakka bu'udha. Mata duree addaa 2:40 irra jiru ilaali.

▣
**NASB, TEV**
**NJB, NIV "Gooftaa keessatti**
**NKJV, NRSV "Gooftaatti"**

Bifti seerluga kanaa akka gara wantii tokko itti DEEMUU fi BAKKA wanti tokko jiru fi ibsutti hubatamuu danda'a. Akka yaada kootii, karaa amantoonni Iyyaasuusitti qabaman ibsuufidha. Nuti qabeenya dhuunfaa isaati; Innis kan keenya!

▣ **"itti fufaniituma baay'atanii"** Luqaas yeroo mara guddina waldaalee agarsiisuuf akka hololoo guduunfaatti itti fayyadamaa tureera (cf. 2:47; 5:14; 6:7; 9:31; 12:24; 16:5; 19:20).

**5:15 "yeroo Pheexiroos dhufu yoo xiqqaate gaaddidduun isaa"** Wangeela babal'isuu raajiiwwan gurguddoon gulantaa kanatti beekama ture. Pheexiroos yeroo sanatti Afgaa'ii ergamootaa isa ifa ba'ee beekamee ture. Gabimni gosa akkasii kunis, fayyinaaf Phaawuloosiinis hojjetamee ture (cf. 19:12).

Akka hiiktootaa Macaafa Qulqulluuttii, mallattoon raajii gurguddoo kunkanneen armaan gadiif kennamuu isaa dirqama yaadachuu qabna.

1. garaalaafina Waaqayyoo argisiisuuf
2. dhugaa wangeelaa argisiisuuf
3. geggeessaan Waaqayyoo waame eenyu akka ta'e argisiisuuf

Mallattoowwan kunneenis, kaayyoo adda ta'eef aadaa murtaa'ee keessatti kennamu. Sababii Waaqayyoo achittii hojjetuufis, battalumattii aadaa kamiyyuu keessattii baroota seenaa hundattii hojjetaa jechuu miti. Waaqayyoo umurii hunda keessatti kaka'umsa kan hin qabne fi garaa laafina kan hin qabne jechuunis miti, garuu sabni Waaqayyoo ilaaluun osoo hin taane amantii deemuu qaba. Kan jedhu agarsiisaa. Itti fufinsaa raajii gurguddoon osoo hin taanee kaayyoo inni guddaan cubbamoonni fayyuu isaanitti. Kunis fayyinaa qaama alaa osoo hin taane fayyina warra hanga ammaatti aboo du'aa jala lubbuun isaanii jirtudha.

Waan Waaqayyoo hin jijjiiramne nattii fakkaata. Amallisaa gara laafummaa isaa akka fayyaniif hundaaf barbaachisunsaadha. Abbataadha malee hin jijjiiramu. Garuu seenaa barnoota amantii yeroo ilaalluu, barnoota ulfaatoo, kan mallattoowwan uumama olii Waaqayyoorraas ta'e seexanarraa, itti ta'an lamatu jiru.

1. barnoota naannoo foon uffatanii fi babal'ina waldaalee durii beekamu.
2. Kana hordofuun bara raawwii dhumaarrattii yeroo amantoonni dhiphiina ari'atamun jala turan

   Barreeffama A.T Robertson barreesse kan "*Word pictures in the new testament*" Vol III jedhu fuula 62 irraa akka dubbiftu akka ragaattiin siif kaa'a.

Osoo kana ta'uu baatee, gaarummaa ykn humni gaaddidduu Pheexiroos keessa hin ture. Olaantummaa kana kan kenneef amantii ta'e kunis akka sababa battalaa wangeelli hojjetuun tokkuma (Mat 9:20; Mar 6:56; Yoh 9:5). Akkasumas faayidaa maarrabii (marata dafqaa Phaawuloos wajjiinis wal fakkaata. (HoE 19:12). Waaqayyoos olaantummaa amantii, yoo isa keessatti dhugaa ta'e kabajaa/ulfeessa. Namoonni muraasni tolchitoota guutummaa guututti duwwaa ta'anidha ykn warra qullaa fo tuulanidha.

**5:16 "hundi isaniiyyuu ni fayyifamu"** kun HANQINA WANTA SI'AAYINAA HIN QABNEE KAN ARGISIISU (IMPERFECT PASSIVE INDICATIVE). Kan namni kamiyyuu ibsudha. (abgochi isaa hin ibsamne, garuu afuura qulqulluu ni ta'a) fi yeroo tokkoottii namni tokko, ittii caalaa deemuun osoo homtuu hin hafiin fayyuu isaa ibsudha.

Kunis guduunfaa ibsa yaadaatii gama hogbarruutiin kana. Namni dhuunfaa kamiyyuu (every single one) fudhachuu ni dandeenyaa? Iyyaasuus amantii kan barbaadee ykn fayyisuuf kan itti fayyadamee (1) duuka buutoota leenjiisuuf (2) namoonni walitti qabaman akka dhaggeeffataniif.

Kakuu Haaraa keessatti warrii dhukkubarraa fayyan kunneen yeroodhuma tokkotti (simultaneously) Afuurattii fayyuu dhabuun isaanii baay'ee na gaddisiisa. Fayyinnii qaama fayyina lubbuu bakka wal bu'insaa hiyyummaa yoo gara Waaqayyootti nu fidu ta'an, dinqiiwwan gurgudoon hojjetu barbaaduu irraa of eegadhu. Inni olaantummaa kan qabuu fi nutii immoo yeroo kennaman keessatti wantoota hicciitiin guutaman (full of implication) beekuu warra hin dandeenyu.

Qabxii kana irratti yaada komii 2Xim 4:20 irraa waa'ee Phaawuloosii fi fayyina qaamaan jirun ittii dabaluu barbaasa. Gaaffilee barreessitoosa Kakuu Haaraa gaafachuu baraannuu hedduutuu jira. Dhimmi tokkichii amantoonni hunduu ittii yaadaa waa'ee fayyina qaamaati. HoE (cf. 19:12; 28:7-9) keessatti Phaawuloos fayyuu danda'eera, garuu bakka kanatti fi 2Qor 12:7-10. Fil 2:25-30 irratti hin dandeenye fakkaata. Maaliif muraasni fayyinii hedduun fayyuu dadhabanii ykn yeroon balballii fayyinaa qaama wal qabatu kan cufamee jiraa?

Humni uumamaan okittii, arjummaa abbaa isaa fayyina qabuu fi isa fayyina qaamaas ta'ee kan afuura kennuutti nan amana, garuu maaliif kallattiin fayyina kanaa waan jiru fakkaatee, salphaadhumatti bade? Amantii namootaatiin walqabata jedhee hin yaadu, Phaawuloosuu amantii qaba ture waan ta'eef (2Qor 12) fayyinnii fi raajiiwwan amantii dhugaa uumma fi sirrummaa wangeelaa kan hamma ammmaatti addunyaa kanarratti bakka jalqabatti labsametti hojjechaa jiru mirkaneessuu miira jedhuun qaba. Kana ta'uus, kan nattii dhaga'amu, Waaqayyoo kan nurraa barbaadu amantiin deddeebi'uu keenyaa malee ijaan arguun akka hin taanedha. Akkasumas dhukkubni qaama, jireenya amantoota keessatti yeroo mara ni mul'ata. (1) yeroodhaaf akka adaba cubbuutii (2) waan biyya lafaa lafaa kuftee kana keessa jiraataniif (3) amantoonni afuuraan akka bilchaatan gochuufidha. Rakkinni koo, isa kamkeessaa akkam jiru hin beeku! Dhimma kamiyyuu keessatti jaalalli Waaqayyo akka hojjetuuf kan ittiin kadhannuus hanqina amantii miti, garuu miira gaarummaa fi arjummaan Waaayyo akka jireenyasaa keessatti hojjetu affeeruuf kan yaaludha.

▣ **"afuura xuraa'aa"** Mata Duree Addaa armaan gaditi ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: JINNII (Afuura haamaa)**

A. Namoonni durii kanneen waan hundaa sodaaan fudhatan turan eenyummaa isaani humoota uumamaa, kaayyoowwan uumamaa fi amala namummaa namaatti amananii qamaata godhuuf jireenyi kan ibsamu, walfudhannaa Afuura adda ba'an kanaafii dhala namaa gidduutti ta'uuni ture.
B. Namoomsuun kun Waaqolii hedduu akkaataa godhe, yeroo maraa *Afuurri hamaa/jinniin* kunneen waaqoli xixiqqoo ykn gaaro yaraa gaarii ykn yaraa kanneen jireenya nama dhunfaa keessatti taatee qaban turani.
   1. Mesopootamiyaa, Goolii fi lola
   2. Gibxii, Ajajuu fi hojjechuu
   3. Kana'aan, W.F Albipht's *Archeology and the religion of Israel*, Fifth edition jedhu fuula 67-92 ilaali.
C. Kakuu Moofaan dhimma waaqolii xixiqqoo ergamoota/jinnii kana jiraachisuus ta'ee gadhisuu hin

deeggaru. Sababni isaas kallattummaan Waaqa tokkicha (monotheism) waandeeggaruufidha (cf. Ba'u 8:10; 9:14; 15:11; Kes 4:35, 39; 6:4; 33:26; Far 35:10; 71:19; 86:6; Isa 46:9; Erm 10:6-7; Mic. 7:18). Far 35:10; 71:19; 86:6; Isa 46:9; Erm 10:6-7; Mic 7:18) . Waaqoolii sobaa lammiilee hin amannee (Shedim, cf. Ked. 32:17; Far 106:37) Maqaasaanii muraasa waameera.

1. *"Se'im"* (Waaqa bosona (Sat yrs) ykn jinni rifeensaa) cf Lew 17:7; 1Chr 11:15 9Seen 2 bara).
2. *Lilith* (dubartii, jinni nama faraatu. Cf Isa 34:14).
3. *Mavet* (jecha Ibroota kan du'e (death) jedhu bakka bu'ee biyya kana aanotaaf Waaqa addunya jalaa ibsudha. Of Isa 28:15,18; Erm 9:21 fi haala danda'ameen Kes 28:22).
4. *Reshephy* (dhukkuba daddaraa/plague) cf. Kes. 33:29; Far 78:48; Hab 3:5).
5. *Dever* (Dhayichaa nama sodaaachisuu (pestilence) cf. Far. 91:5-6; Hab 3:5).
6. *Aza'zel* (maqaasaa shakkisiisaadha, garuu jinni lafa onneetti ta'uu kan danda'u ykn maqaa bakkaati cf. Lew. 16:8,10,20)

(fakkeenyaawwan kunneen, "*Encyclopaedia Judaica* Vol 5 jedhu fuula 1523 irraa fudhatame). Kana ta'uu lamummaa (dualism) ykn Ergamoonni YHWH irraa adda ba'anii of danda'uu isaanii *Kakuu Moofaa* keessatti hin turre.

D. Amantii Yihudootaa kan ture judizimiin bara kufaatii mootummaa Baabiloon kan babal'atee fi gama tiyooloojiitiin amantii peer shiyaanotaa lamummaa (dualism) "Zuruastrianism" kan fakkeenya gaarii ta'uun jeeqamaa tureera. Isaanis Waaqani olaanaan *Mazda* or *Ormazd* jedhamee yoo waamamu, mormituun Afuura hamaa (evil) immoo *"Ahrima"* jedhama. Kunis kufaatii judizimiin booda lamummaan YHWH fi Ergamootas as gidduutti, seexanaa fi ergamootasaa/jinni/ gidduutti fakkeenyi gaarii akka ta'u godhee ture.

Barnoonni judizimii/Judaism theology/ jinni fakkeenya gaarii ta'u. Caaffata Alfred Edersheim "*The life and time of Jesus the massih*, vol. 2, appendix XIII, fuula 770-776 irratti ibsee haala gaariin galmeesseera. Judizimiin jinni/afuura hamaa karaalee sadiin fakkeenya fudhata

1. Seexanaa/Saammael
2. Hawwii/fedhii waan yaraa (*yetzer hara*) dhalli namaa qabu
3. Du'a Ergamootaa (Hedeath angel)

Edersheim Amala kana kan inni ibsu (1) himata (accuser) (2) qoraa (tempter) (3) Adaba (punisher). (vol 12, p 756). Ari'atamu (exse)

E. Judizimii boodaa fi Kakuu Haaraa gidduu garaagarummaa barnoota amantiitiin waa'ee afuuraa hamaa/jinni dhiyeessuu fi ibsuuf irratti ni adda ba'ee ni jiru. Kakuu Haaraan keessattuu, wangeellii jiraachuu Afuura hamaa fi dhalamaa fi YHWH'n mormuu isaa ibsaniiru (Judizimii keessatti seexannii diina dhale nama ture malee diina Waaqayyoo turuunsaa hinibsamne). Fedha Waaqayyoo, seera Waaqayyoo fi mootummaa Waaqayyoon mormaniiru.

Yesuus ilma Afuura hamaa/jinni kana saaxilee, ifatee baasuudhaan akka armaan gaditti waameera. (1) Afuura xuraa'aa (cf. Luq 4:36; 6:18) ykn (2) Afuura bade cf. Luq. 7:21; 8:2 jechuun dhala nama irraa adda baaseera.

Yesuus garaagarummaa Afuura hamaa (demonic) fi dhukkubaa gidduu jirus ifa taasiseera. Aangoo isaa fi hubannoo afuurasaas ogummaa fi afuura hamaa kana bakka dhabsiisuun ibseera/argisiiseera. Isaanis yeroo maraa isa ajaa'ibsiifatanii isa ibsuufis yaalii ni godhu. Garuu inni akka isaan ragaa hin bane ni dide/dhorkee akka isaan callisan keessa ba'an ni fedha.

Kakuu Haaraa keessatti dhimma kana ilaalchisee hanqinnii Ergaa Ergamootaa keessatti ni mul'ata, seexana baasuun bakka dhabsiisuun (exorcism) akka kennaa afuuraatti fi akka toftaa (methodology) ykn adeemsa (procedures) hojjettoota/amantoota Waaqayyoo gara duraaf eknnamettii hin tarreeffamne.

F. Hammeenyi dhuguma; Hammeenyi kan dhuunfaatii; hammeenyi ammaa kan jiru, madda isaas ta'ee kaayyoon isaa kan hin ibsamnedha. Jiraachuu isaa fi humnaan dhiibbaa isaan mormuu isaa wangeelli ibseera. Lamummaa (dualism) cimaan hin jiru. Waaqayyos guutummatti to'annoo isaa jala galcheera. Afuurri hamaan kana mo'ame, kan firdiifis taa'e fi fuulduratti uumama keessaas kan ba'udha.

G. Sabni Waaqayyoo Afuura hamaan mormuu qaba. (cf. Yaq 4:7). Isaafis harka kennachuu (to'atamuu hin qabani). (cf. 1Yoh. 5:18) garuu qoramuu ni danda'u. Dhugaa ba'ummaasaanii fi dhiibbaa isaanii ni barbadeessu (cf. Efe 6:10-18): Afuurri hamaan kan gama Macaafa Qulqulluutiin qaama ilaalcha Addunyaa kiristaanotaa ta'ee ibsamedha. Kiristaanonni bara kanaa irra deebi'anii Afuura hamaaf hiika kennuuf. Mirga argachuu hin danda'ani. (the demythologizn of Rudolf Baltmaan). Gama namummaatiinkaraa saayikooloojiitiin jecha isaa ibsuus hin danda'an, garuu dhiibbaan isaa bakka hunda kan jiru ta'uu isaa beekuu qabu.

**MATA DUREE ADDAA: SEEXANOOTA BAASUU**

Bara Yesuus lafa irra tureetti seexana baasuun wanta beekamaa ture. Haa ta'u malee toftaan Yesuus itti seexana baasuu gonkuma karaa adda ta'eeniidha. Seexana baasuun isaas mallattoo Barrii haaraan dhufuu isaa agarsiisudha. Barsiiftoonni yeroo sana turan tolchaa fayyadamu turani. Yesuus garuu aangoo mataa isaatiin seexana baasaa ture. Bara keenya kanatti seexana baasuu fi afuuroota hamaa ilaalchisee olii fi gadi dha'ama hedduutu jira. Gareewwan kana keessaa isaan kaan Kakuu Haaraan irratti hin dubbanne. Akka paastariitti odeeffannoo danuu kana irratti qabaachuutu narra ture. Bakka kanatti kitaaboolee muraasa isinii kaa'uuf.

1. *Christian Counseling and the Occult*, Kurt E. Koch
2. *Demons in the World Today, Merrill F. Unger*
3. *Biblical Demonology*, Merrill F. Unger
4. *Principalities and powers*, John Warwick Montgomery
5. *Christ and the Posers*, Hendrik Berkhof
6. *Three Crucial Questionsa About Spiritual Warfare* by Clinton Anton

Seexanoota baasuun akka kennaa hafuura qulqulluutti eergamuu dhisuun isaa na dinqa, akkasumas ergaa ergamoota keessatti dhimmi kun itti hin bu'amne. Akka amantaa kootitti ilaalcha Macaafa Qulqulluutiin addunyaa afuuraa hundumaa ni hammata (gaarii fi hamaa) (Iyyo 1:2, Dan. 10: Efe. 6:10-11). Haa ta'u malee Waaqayyo ifatti isa ibsuu hin to'anne. Akka amantaatti ittiin jiraachuuf kan nu barbaachisu odeeffanno gahaa nuuf kenneera. Haa ta'u malee barnoonni tokko tokko hanga ammaa iyyuu irratti hin hojjetamne.

**BARREEFFAMA 'NASB' (FOOYYA'AA) 5:17-26**

**[17]Angafni lubootaa garuu garee saduqootaa kessaa warra isa gargaaranii wajjiin, hinfaaffaan isaan keessa guutee isaan irratti ka'an. [18]Ergamoota qabanii mana hidhaatti galchan. [19]Ergamaan Waaqayyoo Goftaa garuu halkan balbaloota mana hidhaa sana bane isaan dura bu'ee fuudhee ba'e. [20]"Dhaqaatii mana qulqullummaa keessatti waa'ee dubbii jireenyaa isa haaraa kana hundumaa sabatti himaa!" isaaniin jedhe. [21]Isaan dubbii *kana* fudhatanii, akkuma bari'een mana qulqullummaatti ol galanii barsiisu *jalqaban*. Hangafti lubootaa warra isa gargaaranii wajjiin dhufee, yaalii maanguddoota ijoollee Israa'el walitti waamee ergamoota warra hidhaman saan fichisiisuudhaaf gara mana hidhaa**

**5:17 "Inaaffaan isaa keessa guutee"** jecha Giriik salphaadhumatti danfuu (toboil) jedhudha. Kanaafuu, haalli itti fayyadama isaa immoo Inaafummaa ykn inaafuu ta'uu isaa nutti hima. Kunis kaka'umsa dhugaa geggeessitoonni amantii Inaaffaan godhan argisiisa. Wangeela keessatti diinonni Yesuus warri cimoon Faarisoota turan. Garuu hojii Ergamootaa keessatti hordoftooa isaatti diina guddaa kan ta'anii turan saaduqoota.

**5:18** Hojii Ergamootaa keessatti boqonnaawwan jalqabaa kunneen rakkoowwan waldaalee duriitiin muudatan agarsiisa. Rakkoon kunis baroota irraa baratti, aadaa irraa aadaatti, gargar ture. Waaqayyo garuu nuuf ta'e; nu wajjiinis ta'ee, akka moonuufis aboo nuuf kenneera. Takkumallee manni hidhaa, yaaliin Leeyyaasisuu fi dhiphisuu fi kkf booji'uun amantootaa jiraachuu fi nageenya Kiristoosiifuu hin jiran. (cf. Rom 8:31-39).

**5:19 "Ergamoota Gooftaa"** Kakuu Moofaa keessatti gaaleen kunkaraalee lamaan tajaajila.

1. Ergamootaa (cf. Uma 24:7,40; Ba'u 23:20-23; 32:34; Lak. 22:22; Abo. 5:23; 1Sam 24:16; Isen 21:15ff; Zak 1:28).
2. 'YHWH' bakka buusuuf akka daandiitti (cf. Uma 16:7-13; 22:11-15; 31:11,13; 48:15-16; Ba'u 3:2,4; 13:21; 14:19; Ab 2:1; 6:22-23; 13:3-23; Zak 3:1-2)

Luqaasis gaalee kanatti yeroo baay'ee fayyadameeera. (cf. Luq 1:11,12; 9:2; Hoer 5:19; 7:30; 8:26; 12:7,11,23; 10:3; 27:23), garuu akka miira lakkoofsa tokkoffaarratti armaan olitti kaa'ameenidha. Kakuu Haaraan miira lakkoofsa lammaffaa armaan oliin (cf. Hoer. 8:26 fi 29 irratti bakka ergamaan gooftaa Afuura qulqulluun walcina qabametti malee dhimma itti hin ta'u (itti hin fayyadamu).

▣ **"balbaloota mana hidhaa sana bane"** Gocha Phaawuloosii fi sillaasiif Filiphisiyusitti ta'e wajjiin walfakkaata (cf. Hoer 16:26). Jireenyi Pheexiroos karaalee adda addaatiinkan Phaawuloosiin wal fakkaata. Kunis gama hogbarruutiin itti yaadamuu kan qabudha.

**5:20 "deemaa/dhaqaa, dhaababadhaa, himaa"** kun akka AJAJA sadiitti tajaajila.

1. Deemaa, GIDDUUGALA AJAJA yeroo ammaa (present middle imperative).
2. Dhaabadhu, MURTEEFFATANII OF DANDA'ANIIS HOJJECHUU kan akka AJAJAtti fayyadu. (Fribeg's, Analytical Greek New Testament, p 379).
3. Dubbadhu, AJAJA SIYAAYINA YEROO AMMAAti.

Ergamaan Waaqayyoos ergaa wangeelaan ergamoota tajaajilee ture!

▣ **"sabatti himi"** Kun fedhii guddaa ergamoonni dubbii Waaqayyoo irratti hojjechuuf qaban ture. Ija jabiinaan, sodaaa malee, amma jireenya haaraa afuuraan guutamuu isaanii kan ibsanidha.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"ergaa jireenyaa hunda"** |
| **NKJV** | **"jecha jireenyaa kana hunda"** |
| **NRSV** | **"ergaa waa'ee jireenyaa kana hunda"** |
| **TEV** | **"waa'ee jireenya haaraa kana hunda"** |
| **NJB** | **"waa'ee jireenya haaraa kana hunda"** |

Gaaleen kun, dubbii waa'ee jireenya haaraa (*zōe*, jireenya keessaa) kan wangeela gooftaa keenya Yesuus Kiristoos keessatti qofa argamudha. Afuuraanis fayyuu ta'ee qaamaan (mana hidhaa keessaa) bilisa ba'uu qabu. Amma waan hunda hundatti dubbachuufidha.

**5:21** Hubadhu, seera uumamaa ol ta'een bilisa ba'uu jechuun salphaadhumatti lammata deebi'anii hin hidhaman jechuu miti. Qophii Waaqayyoollee yoo ta'e, dubbii Waaqayyoo keessatti wantoonni ulfaatoo ta'an hundii kan furmaanni itti kennamuufi kan dhabamsiifamuu danda'an jechuus miti. (cf. Mat 5:10-12, Rom 8:17, 1Phex 4:12-16).

▣ **"warra isa gargaaran… yaa'ii maanguddoota ijoollee Israa'el"** yaadannoo/barruu Sanhedrin 4:15 irra jiru ilaali. Yaa'ii" yoo jedhu eenyuun ibsuuf gargaaraa? "Urtis Vaughan, in Acts" kan jedhutti warra Yerusaalemitti yeroo sana miseensa "san hedrin" hin turre (cf. M.R. Univcent, *Word Studies* Vol. 1, fuula 234 ilaali) garuu jijjiirraan NASB fi NIV gorsitootaa (councile) fi yaa'ii (senate) bifa tokkoon ilaala.

**5:23 "cufame"** Kunis GOCHA IRRAAWWATAMA SIRRII dha. yaadni isaas balballi mana hidhaa sun amansiisaa fi waardiyyaan kan dhaabateef, ta'uyyuu, warri hidhaman sun ba'anii deemuu isaanii ibsa.

**5:24 "waan godhan wallaalan"** Luqaas jecha kana yeroo hedduuf itti fayyadamaa tureera. Innis, miira oo'aa "*aporeō*" (cf. Luq 24:4; Hoer 25:20) jedhuu fi "*dia*" (cf. Luq 9:7; Hoer 2:12; 5:24; 10:17) irraa fudhatamedha. Hiikni bu'uuraa inni qabus shakkii (doubt) wanta hin amansiifne, waan nama faajjessu kan jedhudha.

▣ **"maal ta'an laata jechuurraa kan ka'e"** Seerlugni gaalee kanaa guutuu kan hin taanee fi HIMA OLTOLAA KUTAA ARFAFFAA (Fourth class conditional sentence). HAALLII NAASUU, wanta nama fajjessu ibsa. (cf. Luq 1:16-62; 3:14; 8:9; 15:26; 22:23; Hoer 5:24; 8:31; 10:17; 21:33; James Allen *Heweth New Testament Greek* fuula 195 ilaali).

**5:26 "sabni dhagaadhaan nu rukuta jedhanii waldooleen, waan sodaaataniif"** kunis olaantummaa kiristaanaa durii argisiisan/qaban (cf. lack 12:2-47; 4:21). Fi haala walirraa hin cinneen madda inaaffaa gaggeessitoota Yihudootaa argisiisa.

**BARREEFFAMA "NASB' (FOOYYA'AA) 5:27-32**
[27]Ergamoota sana fidanii yaa'ii sana dura dhaabachiisan. Angafni lubootaas gaaffiidhaan isaan qoree. [28]Nuyi maqaa kanaan akka hin barsiifne cimsinee isin abboomneerra. Isin garuu kun barsiisa keessaniin Yerusaaleemiin waliin geessaniittu. Akkasumas dhiiga namicha kanaa nu irratti fiduu yaaddu" jedhan. [29]Pheexiroosii fi ergamoonni warri kaan garuu deebisanii "nuy namaaf abboomamuu irra Waaqayyoof abboomamuutu nu irra jira. [30]Waaqayyo abboota keenyaa, yesuusiin isa isin mukatti fanniftanii ajjeeftan du'aa kaaseera. [31]Waaqayyo geeddaranaa yaadaa garaatii fi dhiifamuu cubbuu israa'eeliif kennuudhaaf abboomaa fayyisaas godhee gara mirga isaatti ol isa fuudheera. [32]Nu immoo dubbii kana hundumaaf dhugabaatuudha; hafuurri qulqulluun, inni Waaqayyo warra isaaf abboomamaniif kennes akkasuma dhugaa ni ba'a" jedhan.

**5:28**
**NASB, NRSV**

| | |
|---|---|
| **TEV** | **"abboommiiwwan kallattiin kennaman"** |
| **NKJV** | **"ajaja kallattumaanii"** |
| **NJB** | **"of eeggannoo cimaa"** |

KJV "kallattumaan kan abboomame <u>miti</u>" kan barreeffamoota Giriik adda ta'e keessatti argamu, barreeffama Giriik $א^2$, D, fi E garuu $p^{74}$ keessatti א*, A, ykn B, kan hin taanedha. "Miti" (He not) kan jedhu katabdoota duriin itti dabalamuun dirqama ta'ee ture.

Ijaarsi isaas, jechama warra seem (semetic idiom) (cf. Luq 22:15) kan afaan Giriikiin (koine) "COGNATE ACCUSATIVE" jedhuun wal fakkaata. Kunis akkuma bakka gochimni (*parangellō*) fi Irraawwatamaan sirrii (*parangelia*) jedhu hidda tokko irraa dhufan jechuudha. Ijaarsi isaa kunis hiika bu'uuraa jecha kana sirriitti cimsa, beektoonni hedduunis jechama warra Seem ibsuu isaa ni amanu. Jechi kun Afaan Giriik keessatti "pa pyri" kan Gibxii keessatti argamuuf jechuunis Gurmuu hojjettoota mana murtii ykn ajaja mana murtiif fedhii guddaa kan kaasudha (cf. "Moulton and Milligan; *Vocabulary*, fuula 481).

▣ **"kan namicha kanaa"** Kun tuffii geggeessitoonni Yihudootaa argisiisa. Maqaa "Yesuus" takkumaa hin kaasani. Bakka kanaa "namicha" kan jedhuun fayyadamu. Kitaaboleen aadaa Yihudootaa illee taanaan maqaa isaa isrriitti hin dhahani. "sababa kanaafi sanaaf" jedhu (cf. M.R.Vincent *Word Sutdies*, Vol 1 fuula 234).

▣ **"dhiiga nu irratti"** Pheexiroos fi Yohaannis walitti fufinsaan geggeessitoonni Yihudaa du'a Yesuus karaa akka qopheessan ibsaniiru (cf. lak 30,3:14-15) kunis Himannaa Isxifaanoos irra ga'edhas.

**5:29 "nurraa barbaadamu (nu irra jira)"** Jechi kun "*dei*" bakka bu'ee safuu nama irraa barbaadamu kan bisudha. Kunis ergamoonni taatee isaatti osoo xiyyeeffannoo hin kennindhugaa labsuuf qaban ibsa (cf. 4:19).

**5:30 "Waaqayyo abboota keenyaa"** Kiristaanoonni bara durii dhaaltoota afuuraa (amantii) fi hordoftoota hidda dhaloota saba Waaqayyoo bara Kakuu Moofaa ta'uu isaaniitti amanuu isaanii agarsiisa (cf. Rom 2:28-29; Gal 6:16; 1Phex 3:39: Mul 1:6).

▣ **"du'aa, Yesuusiin kaaseeras"** Kakuu Haaraa abbaan Yesuusiin du'aa kaasuu isaatiin (cf. Hoer 2:24, 32; 3:15, 26; 4:10; 5:30; 10:40; 13:30, 33, 34, 37; 27:31; Rom 6:4-9). Jireenyi Yesuus dhugaa ta'uu fi barsiisa isaas dhugaa ta'uu mirkaneesseera. Kunis kallattii guddaa "*kerygma*" (cf. 1Qor 15) kan ta'edha.

▣ **"isa isin mukatti fanniftanii ajjeeftan"** Kun duubatti deebi'ee kan abaarsa keessa deebii 2:23 irra jiru wajjiin Yesuus Masihicha isa fakkeessituu jechuun isa qabachuuf barbaadaa turan. Kunis abaarsa YHWH akka baatuuf Yessuusis abaarsa seera Kakuu Moofaa kanatti karaa baase. (ie. Lubbuun cubbuu hojjette dhugaadhumaan du'uu isheeti). [His 18:4,20]. Namni hunidnuu cubbuu hojjetaniiru (cf. Rom Qol 1:15; 2Qor 2:14). Nuufis (cf. Gal 3:13: Qol 1:14). Yesuus hoolaa Waaqayyoo isa quqlulluu ture (cf. Yoh 1:29; 2Qor 5:21).

**5:32 “Waaqayyo gara mirga isaatti ol isa fudhate”** jechi ol fudhate jedhu kan Yoh. 3:4 irratti jecha “ol kaase” jedhuun hiikameera. Akkasumas Fil 2:5 irratti “guddaa ol qabe” jecha jedhuun jijjiirameera.

▣ **“abboomaa”** waraabbiin Macaafa Qulqulluu kun haala ifa ta’ee fi adda baasee Yesuus Masihicha ta’uu isaa ibsuuf tajaajileera. Jechumti kana fakkaatu 3:15 bakka “barreessaa” kan duree (chief) fi nama yaada haaraa maddisiisuun beekkamu (pioneer) jecha jedhuun hiikametti Yesuusiif tajaajileera. Akkasumas hundeessitoota mana barumsaa… ykn maatiifis tajaajileera. (cf. Ibr. 2:10; 12:2).

▣ **“fayyisaa”** (savior) Jechi kun jaarraa 1ffaa keessa bara Giriikoo Roomaa, mooticha “Qeesaariif tajaajileera. Innis fayyisaa aadaa fi nageenyaa jedhamuun labsamee ture. Jechi biroon Qeesaaronni ittiin of labsan garuu kan kiristaanoonni gita Yesuusiif itti fayyadamaniif hin fudhanne “Gooftaa” (lord) (kurios) kan jedhudha.

Gama birootiin jecha fayyisaa (savior) jedhu kan jecha Kakuu Moofaa YHWH fi itti gargaaramaa turanidha. (cf. 2Sam 22:3; Far. 106:21, Isa 43:4,11; 45:15; 49:26; 60:16; 63:8). Barreessitoonni Kakuu haaraas Aankii Kakuu Moofaa keessatti YHWH’f kennamee ture kana Yesuusiif kennuun, Waaqummaa Yesuus ibsuuf yaalaniiru. Phaawuloosis yeroo xalayaa Tiitoosiif erge kanatti fayyadamuun isaa yaadatamuu qaba.

1. 1:3 “Waaqayyoo fayyisaa keenya”
2. 1:4 “Yesuus Kiristoos fayyisaa keenya
3. 2:10 “Waaqayyo fayyisaa keenya”
4. 2:13 “Yesuus Kiristoos, Inni Waaqayyo keenya isa guddaa fi fayyisaa keenya”
5. 5:4 “Waaqayyo fayyisaa keenya
6. 3:6 “Yesuus Kiristoos fayyisaa keenya”

▣ **“geeddaramaa yaada garaa Israa’eliif kan kennu fi isa cubbuu isaanii dhiisuuf”** kunkan kaayyoo du’aatii Yesuus argisiisudha. (cf. Luq 24:47; Hoer 2:38). Barreessitonni Kakuu Haaraa geeddarrannaa yaada garaa akka kennaa Waaqayyootti darbanii darbanii ibsaniiru. (cf. Hoer. 11:18; 2Xim 3:16, 19; 20:21). Warri Kakuu Haaraa keessatti yeroo mara adda ba’anii qaama Waaqayyoo irratti xiyyeeffannoo kennan waraabbii kanatti akka fayyani qaamoota Waaqayyoo maranii malee tattaaffii dhala namaatiin kan ta’u miti kan jedhuu itti fayyadamu.

Ta’ullee kun ta’innaa sirna barnootaa amantii (theology)’f Barreeffamaan mirkaneessanii kan nama amansiisan keessaa fakkeenya gaarii kan ta’udha. Wangeelli, gargaarsi Waaqayyoo dursuu isaa fi barbaachisaa ta’uu isaa ifa baasee ibseera. Garuu yaada “Kakuu” jedhus bifa filannoo isaa kan wanta namootaaf barbaachisaniin walqabatu haala gaariin ibseera. Bilisummaa kennaa Waaqayyoo uumama keessatti kennuudha. Waaqayyos kennaa kanaan hin mormu (cf. Rom 2:4; 2Qor 7:10). Innis nu kaasa, nu gargaara, nu wajjiinis ni hojjeta, daandii fayyinaas nu barsiisa. (cf. Yoh. 6:44, 65). Garuu warri/namooni itti jiraachuu fi kaayyoo ofii galmaan ga’uutu irraa eegama.

Waraabbii armaan gadii kun “Frank Stagg, *New Testament Theology*” jedhu fuula 119 irraa fudhatame.

> “Men can not achieve but only receive repentance, yet they must recievi it. By faith a man receives Christ in to his inner most person, and Christ, as a transforming presence reverses the course of that life from self trust to trust in God, from self-assertion, to self denial. This conversionis the reversal of the fall, in which man sought to find the whole, meaning of is existence with in himself.”

**5:32** Pheexiroos Hojii Ergamootaa keessatti yeroo baay’eef dhugaa jireenyaa, du’aa fi du’aa ka’uu Yesuusii fi Ergamoonni fi duuka buutoonni dhuga baatota akka ta’an ibseera. Barreeffama kana keessatti “afuurri qulqulluu” akka dhugaa baatuutti itti dabalee ibseera. Kunis Kakuu Moofaa keessatti dhimma tokko cimsuuf dhuga baatonni lama akka barbaachisan karaa ittiin ibsu ta’uu danda’a. (cf. lack 35:30, S.Kees 17:6).

▣ **“warra isaaf abboomaman”** Abboomamuun filannoo haala jireenyaati. Wangeelatti amanuudhaan, abboomamuu qabna. Bu’aa isaatti gammaduuf itti fufnee abboomamuu qabna. (cf. Luq 6:46). Jechi ‘Abboomamu’ (obey) jedhu kun (*peithomai* plus *archē* cf. 27:21; Tit 3:1). Darbee darbee lack 29 fi 32 irratti bulchuu (rule) fi Abboomamuu (obey) jedhu irraa ijaaramuun fayyadeera.

**BARREEFFAMA 'NASB' (FOOYYA'AA) 5:33-39**

**[33]Warri yaa'ii taa'an kana dhaga'anii, garaan isaanii waan gubateef ergamoota ajjeesuudhaaf barbaadan. [34]Isaan keessaa Faarisichi, barsiisaa seeraas kan ture maqaan isaa Gamali'el kan jedhamu, saba hundumaa birattis kan ulfaate ka'e, ergamoonni sun yeroo xinnoodhaaf ala akka tursiifaman abboo. [35]Warra yaa'iitiin immoo "yaa namoota Israa'el. Waan jarreen kana irratti hojjechuuf jettan keessatti of eeggadhaa!" [36]Kanaan dura Toyidaas ka'ee, ani nama jabaadha ofiin jennaan, akka namoota dhibba afurii kan ta'an duukaa bu'an, garuu inni ni ajjeeffame. Warri yaada isaa duukaa harkifamanis ni badan. Ka'i isaas homattuu hin galle. [37]Akkasumas Yihudaan namichi Galiilaa, bara lakkoofsa sabaa ka'ee namoota baay'ee walcaalchisee of duuka buusee ture innis immoo harka namaatti duunaan, warri duukaa buutuu isaatiis ni bittimaa'an. [38]Akkasumas jara ammaa isninittan hima isaan gadhiisa.a Akeeka kanaa fi hojii isaa namtu yaadee qopheesse yoo ta'eef baduuf jira. [39]Waaqayyo biraa yoo dhufe jara kana balleessuu hin dandeessan. Ofii keessanii iyyuu immoo Waaqayyoon utuu loltanii akka hin argamne isinan yaadachiisa." Ittin jennaan yaa'ichi gorsa gamaali'e dhaga'e.**

**5:33**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"jara ajeessuuf arifatan"** |
| **NKJV** | **"jarri baay'ee aran"** |
| **NRSV** | **"jarri baay'ee baay'ee aran"** |
| **TEV** | **"jarri baay'ee baay'ee aran"** |
| **NJB** | **"kunis jara baay'ee arse"** |

Jechi kun gama hogabarruutiin, magaaziin muruu (cut with the teeth) jechuudha. Jechumti baay'ee kana fakkaatu fi bifa tokko ta'e qabu 7:54 irrattis tajaajileera. Bakka gaalee garaa kee/onnee kee kutadhu jedhutti dabalamee guutumatti miira bakka bu'uusaa ibsuu fi (cf. Luq. 2:35, ilaali. Jechi jabaan kun hiikaan kan 2:37a irra jiruun wal fakkaata (ie. *Diapriō*)

▣ **"isaan ajjeesuuf barbaadan"** kun akka AGARSIIFUU GIDDUGALA miti sirrii (imperfect middle indicative)tti fudhatama. Kunis kan inni madaalu (1) gulantaa kanatti isaan ajjeesuudhaaf yaalii gochuu isaanii (2) barbaachismmaa fi karoora tibba sana ture. Beekumsa guddinaa waldaan HoE irratti agarsiifte irratti qabnuun haala gaariin ni amansiifama. Kan hubatamuu qabu aarii kana kan ibsee fi barbaachisummaa ajjeechaa kana kan yaale saaduqoota turuu isaaniiti. Faarisoonni du'aa ka'uu Yesuus hin deeggaran, garuu du'aa ka'uun Waaqayyo wajjiin jireenya gara duraa akka jiraatan ni fudhatu ykn cimsanii ni amanu.

Warri yeroo ammaa kana wangeela dubbisan, geggeessitoonni amantii gocha ajjeechaa kana kaayyeeffachuu isaanillee ni dinqisiifatu. Kan hubachuu qabanis Mormii/yaada saaduqoonni barreeffamoota Muusee kan Namni nama arrabse dhagaadhaan rukutamee du'uu qaba jedhu hordofuu isaaniiti. Geggeessitoonni kuni bakka Waaqayyoo bu'anii hojjechuun jecha kana mirkaneessuudha. (cf. Lew 24:10-16)/

**5:34 "faarisoota"** Mata duree addaa armaan gaditti ilaali

## MATA DUREE ADDAA: FAARISOOTA

Jechii kun madoota jalqabaa armaan gadiirraa dhufe.

A. "Gargar bar'uu" (to be separte) Gareen kun kan isaan ka'an bara maqaabotaa (Macca bean period) keessa ture. (Kunis ilaalcha sirriibbi bal'inaan fudhatamudha).
B. "Qooduu" (To divide) Kunis bu'uura jecha Ibrootaaf kan hiika biro ta'edha. Gartokken immoo "Hiiktuu" jedhu (cf. 2Xim. 2:15).
C. "Pheershiyaanota" (Persioan) Kunis hiika biro kan hidda Afaan Aromaayik ta'edha. Seerri itti bulmaata Faarsootaa Muraasni Kan amantii Peershiyaanotaa "Zoroastiriaa, dualism" jedhu wajjiin wal isa fakkeessuu qabu.

Isaanis kan isaan ka'an bara Maqaaotaa keessa "*Hasidim*" (pious ones) gareewwan adda addaa muraasni kanneen akka "Anti Hellenistic reaction" to Antiochus IV Epiphanes" jedhaman fidanis ni jiru. Barreeffama Yooseefaas "*Antiquities of the Jews* 8:5:1-3 jedhu keessatti Faarisoonni warra dursa eeramanidha.

Seera ittiin bulmaata isaanii.

A. Masihicha isa dhufuf jirutti amanuu, kan hogbarruu dhuma biyya lafaa Alwangeelan dhiibame kan akka 'I E noch'.
B. Waaqayyo jireenya guyyaa guyyaa keessati gargaaraa ta'uusaa, kun kallattumaan kan yaada saaduqootaarraa faallaa ta'edha. Seerri ittiin bulmaata Faarisootaa gama 'tiyooloogiitiin' seera ittiin bulmaata saaduqootaan wal jifaadha.
C. Qajeelfama jireenyaan boodaa kan jireenya durii irratti hundaa'u, kunis gatii (reward) fi adaba (punishment) kan ammatudha. Kunis Dan 12:2 irraa kan dhufe ta'a.
D. Humna Kakuu Moofaa fi Afoola Aadaa, isaanis abboommii Kakuu Moofaa keessatti barsiisa Beektootaan hiikamee fi hojiirra oole (Shamai, the conservative, and Hillel, the Liberal) irratti dammaqina kan qabanidha. Hiikaan barsiisa kanaas haasawaa Filoozoofii gargarii lama kan "conservative" fi "liberal" jedhaman irratti hundaa'a. Mariin hiikaa barreeffama wangeelaa (scriplure) kunis dhuma irratti bifa lamaan barreeffame. Isaanis "The Babylonian Talmud" fi "Incomplete pales tinian Tal mud" kan jedhamanidha. Isaanis Hiika Afaanii kana Muuseetu tulluu siinaatti fuudhate jedhanii amanu. Jalqabni seenaa marii kanaas Iziraa fi Mana sagadaa guddicha (Great Synabogue) (kan booda Sanhedrin) jedhamun jalqabame.
E. Barumsa waa'ee ergamootaa baay'ee gabbatee. Kun warren hafuuraa ta'an gaarii fi hamaa ni lachanu ni dabalata. Kun barumsa warra Pershiyaa fi barreeffamoota Yihudootaa irraa gabbate.

## MATA DUREE ADDAA: GAMALIEL

I. Maqaan kun
   A. Maqaan kun "gatii koo Waaqayyo irraan argadha" jechuudha.
   B. Warra dura maqaa kana qaban irraa adda baasuuf akka jaarsaa (elder) ykn Gamaliel 1ffaatti beekkama. Akkasumas geggeessitoota Yihudootaa keessaa nama dammaqina qabu ture.
II. "Namicha
   A. Aadaan akka jedhutti ilma ilma Hillel (ground son) ture.
   B. Aadaawwan biro immoo 'Hidda dhaloota Herodis wajjiin hidhata qaba" jedhu (ie. Agrippa I).
   C. Aadaan akka jedhutti, piresidaantii "Sanhedrin" ture. Garuu Gamaaliel 2ffaa ibsuu danda'a.
   D. Inni barsiisota kabajaa torban keessaan tokko ta'ee kan Aankiin (title) "Rabba" kennameef ture.
   E. Innis Bara 70 Dh.K.B du'e.
III. Barnoota Amantii inni kenne (His theology).
   A. Inni barsiisaa baay'ee kabajamaa ture
   B. Innis Israa'eloota faca'anii warraaqsarra turaniif nama of eegganoo cimaa fi to'annoon wajjiin turedha.
   C. Innis gargaarsa gama hawaasummaatiin, (His Takkonot often began with "for the benefit of humnaity) beekkama.
      1. Daa'ima warra hin qabne gargaaruun
      2. Haadholii abbaa manaa hin qabnee gargaaruun
      3. Dubartoota gargaaruun
   D. Inni, Phaawuloos nama Yerusaalem keessatti muuxannoon waa'ee barsiisa ergamootaa kennaafii tureedha. (HoE 22:3).
   E. Hoer 5:33-29 keessatti akkamitti akka waldaa qabatan paalestaayin keessatti gaarummaa guddaan

nama kennaa turedha.

F. Barsiisaan kun, yeroo du'a isaattillee "yeroo barsiisaan Gamaaliel hayyichi du'e toraan dhaabbatee mijaa'ummaa, (purity) fi qulqullina (saintiliness) isaa ni barbaadaa'a" jedhamee nama yaadamaa turedha. (cf. Sot 9:15, *Incyclopedia Judaica*, vol 7 kan jedhu fuula 296 irra dubbisi).

G. Dhimma kana keessatti kan hubatamuu qabu, kaka'umsi Gamaaliel sirriitti kan amanamu hin turre. Innis, ogummaa faarisoonni muddama/gowwummaa saaduqootaa irratti qaban ibsuuf ta'a. Yihudoonni huma qabeeyyii kanneen ta'an fi gareen kunneen lamaan gargara wal qoodanii carraa (opportunity) garaagaraa irratti walirqiiqaa turan!

**5:36-37 "Toyidas… Yihudaa nama Galiilaa"** Yoseefas maqaalee kanneen lamaan ibseera. (cf. *Antiq* 20.5.1). Ta'uyyuu, tartiiba faallaan tarreesse. Odeeffannoon seenaa durii akka agarsiisutti, Roomaanonni innas maqaa kanaan beekkaman lamatu turan. (Yihudoota keessa). Kanaafuu lachuu Kakuu Haaraas ta'ee Yoseefas kana irratti dogoggora hin qabani. Kan gamaliel ibse irratti bara 6 Dh.K.B mormii cimaan ka'ee ture. Akkasumas yeroo Yosefas bara 44 Dh.K.B ibseenis mormiin irratti ka'eera.

**5:37 "bara lakkoofsa saba ka'ee"** Yosefas akka jedhetti (cf. *Antiq* 18.1:1. *Wars* 2:8:1). Ogastas (Augustus) Gibirri akka Yihudoota irraa sassaabamu ajajee ture. Kana booda Arkelewoos (archelous) Aangoorraa bu'ee "Quirinius" kan jedhamu bakka bu'aa seera Siiriyaa ta'e. (cf. Dh.K.B 6-7). Lakkoofsi ummataa kan kaayyoo gibiraaf ta'e kun waggoota kudha afur kudha afuriin yeroo mara raawwata. Garuu lakkaa'amee dhumuuf waggaa tokko itti fudhata.

▣ **"Yihudaa nama Galiilaa"** yeroo hedduu Yosefaasiin eerameera (cf. *Antiq* 18:1. 1-6; 10.5.2 fi *Wars* 2.8:1; 2.17.8-9). Fincillii isaa baroota 6 ykn 7 Dh.K.B raawwate. Hundeessaa waraaqsa Inaaffaa Amantii (zealot movement) ture. Inaaftota amantii kan Yooseefas "The Fourth Philosophy" jedhee waamaa ture fi sikarootni /sicara sochii siyaasaan tokko turan.

**5:38 "akkuma hamaa irratti hin goone"** Gorsa ajaa'ibsiisaa akkamiiti! Gaaleen kunis AJAJA OFEEGGANNOO lama qaba.

1. *aphtstēmi*, gargar ba'uu, dhiisuu
2. *aphiēmi*, irra ofuu, dhiisuu

▣ **"yoo"** hima OTOLAA KUTAA SADAFFAA kan gocha dandeettii ibsudha.

▣ **"yoo"** (if) Kun hima OTOLA KUTAA TOKKOFFAA kan yeroo mara cimina dhugaa bakka bu'u, garuu asitti dhugaa ta'uu kan hin dandeenyedha. (Akka hojiietamu kan hin ajajne). Kunis faayidaa gama hogbarruutiin bifti seerluga kanaa qabu argisiisa.

▣ **"ofii keessaniiyyuu Waaqayyoon utuu loltanii akka hin argamne"** Geggeessitoonni abbootii amantii gama Waaqayyootiin akka waan hojjetaniitti yaadaa turani. Dhugaa guddaan Gamaaliel dubbates dandeettii dogoggora miirri isaanii qabu jecha shakkisiisaa ta'uu isaati. (cf. 11:17).

## BARREEFFAMA 'NASB' (FAYYA'AA) 5:40-42

**40 Kana irratti warri yaa'ii taa'an ergamoota ol waamanii reebanii maqaa Yesuusin akka hin dubbannes dhowwanii gad isaan dhiisan. 41 Ergamoonni yemmus, ulfinni maqaa *kanaaf* salphachuu waanisaaniif ta'eef, gammadaa yaa'icha biraa gad ba'an. 42 Ergamoonni guyyuma guyyaatti, mana qulqullummaatti, manaa manattis barsiisuudhaaf, Yesuus Masihii akka ta'e misiraachoo himuutti gargar hin kunne.**

**5:40 "gorsa isa afudhatan"** Gaaleen kun hiikaa tokko tokko keessatti lack 39 fi 40 irra akka jirutti ni ammatama. (cf. NASB, NKJV). TEV ni NJB lakk. 39 keessatti ilaalu garuu keeyyata biro eegalu.

▣ **"reebanii"** Kun Reebicha Roomaanotaan (Mastix. Cf Hoer 22:24-25) adda, kan Yesuus muudate sanaan tokko hin turre. Kunis isa Yihudoonni funyoon rukutan ibsa. (cf. S.Kees 25:3, ie. *Derō*, Luq 12:47-48; 20:10-11; 22:63). Innis baay'ee suukaneessaa kan ta'e garuu kan lubbuu hin mine ture. Rakkina hiikaarraa kan ga'es jechoonni Giriik kunneen lamaan bakka wal bu'anii tajaajilaniiru. Beektonni torbaatamni (Septuagint).

S.Kees 25:3 irratti "*Mastic*" jecha jedhu qabu. Garuu adabbii Yihudootaa kan ibsudha. Luqaasis irra deddeebi'ee jecha "*derō*", jedhu reebicha manneen sagadaa warra hurrii ba'anii (synagogues) ibsuuf itti fayyadameeera. (Gama hogbarruun, horii qalanii aarsaa dhiyeessuus of keessaa qaba).

▣ **"akka maqaa Yesuusiin hin dubbanne abbooman"** akkuma gorsitoota ammaa kana yeroo duriis gochaa kana godhan (cf. 4:17,21) yeroo reebaa turanis of eeggannoo irra deddeebi'anii kennanaiiruuf.

**5:41** Yesuus dhiibbaan akkasii kun akka jiru dursee barsiisee ture (cf. Mat 10:16-23; Mar 13:9-13; Luq 12:1-12; 21:10-19; Yoh 15:18-27; 16:2-4).

▣ **"ulfina maqaa kanaaf salphachuun akka isaaniif ta'u waan beekaniif gammadan"** Har'allee sababii namoota qaamaan nu ari'atan gidduu jirruuf baay'ee kan nu dinqisiifachiisaa jirudha. Garuu barootarraa barootatti, olaantummaa amantootaa labsuu keessatti sababa guddaa hin qabu.

Yesuus hordoftoonni isaa akka dhiphatan ifumaan ifatti barsiiseera (cf. Mat 5:10-12; Yoh. 15:18-21; 16:1-2; 17:14; Hoer 14:22; Rom 5:3-4; 8:17; 2Qor 4:16-18, Fil 1:29; 1Tas 3:3; 2Xim 3:12; Yaq 1:2-4) dubbisi. Keessattuu, Pheexiroos (ergaa isaa) keessatti Yesuus hammam akka dhiphatee fi dhiphina isaa kana duuka buutoonni isaas fudhachuu akka qaban hubachiiseera. (cf. 1:11; 2:21,23; 3:18; 4:1,13; 5:1) (cf. 1:6-7; 2:19; 3:13-17; 4:1,12-19; 5:9-10).

**5:42 "guyyuma guyyaatti mana qulqullummaatti"** Dhuga-baatonni Yesuus warri durii kun cal jechuu didanii manni amantii sirriitti onnee Judizimii keessa taatullee itti fufanii sodaaa malee dubbachuu isaanii ibsa.

▣ **"manaa manatti"** Amantoonni waldaalee kiristaanaa durii mana dhuunfaa ofii keessattillee walitti qabamanii kadhachaa turan. (cf. 2:46). Waggoonni dhibbi hedduun hanga darbanittis, waldaan ijaarame hin turre.

## GAAFFILEE MARII HOJII ERGAMOOTAA 3-5

Kun <u>qajeelfama</u> qo'annoo Macaafa Quqlulluu kan hiikaa keessatti itti gaafatamummaa dhuunfaa kee baatudha. Tokkoon tokkoon keenya ifa qabnu keessa deemuu qabna. Asti/sin, Macaafni Quqlulluu fi Afuurri Qulqulluun hiikkaa keessatti warra qalqabaati. Warra yaada kennaniifis jettee dhiisuu hin qabdu.

Gaaffiileen marii kunis dhimmoota gurguddoo kutaa Macaafa kanaa keessa jiran irratti akka yaadduuf kan siif kennamanidha. Kana jechuunis, maalummaasaa yaaduudha malee murteessuu jechuu miti.

1. Ergamoonni amantii Judizimii keessa yeroo dheeraaf maal turanii?
2. Aankileen (titles) Yesuus gargaaran kanneen boqonnaa 3 irratti kaa'aman hiika isaanii waliin tarreessi.
3. Wantoonni xixiqqaan lamaan fayyina (salvation) keessatti barbaadamee maal fa'i?
4. Maaliif waraabbiiwwan Musee yeroo mara Kakuu haaraa keessatti fudhatamuu?
5. Barbaachisummaan Kuu Abrahaam, warra Kakuu Haaraaf qabu maali?
6. Pheexiroosii fi Yohaannis maaliif hidhamanii?
7. Cicha (kabaja) Pheexiroos isa sadaffaa murteessi.
8. Barbaachisummaa waa'ee kadhata Luqa. 24:31 irra jiruu maal?
9. Kakuu Haaraa dhugaa ta'uuf namni tokko "komunistikii" ta'uu qabaa?
10. Sababa Luqaas shallaggii Anaaniyaasii fi safiiraa keessatti ammachiiseef tarreessi.
11. Anaaniyaan kan seexanaan guutame sana gadhiifameeraa? Isa Waaqayyoon sobu hoo dhiiseeraa?
12. Maaliif Waaqayyo hamaa fakkaatee?
13. Waa'ee Raajiiwwan gurguddoo (keessatti fayyinaaf) bara keenyaa maali?

14. Saaduqoonni maaliif jarjartota (mod) ta'anii?
15. Maaliif ergamaan Waaqayyoo Ergamoota Mana idhaatii baasee?
16. Cidha (kabaja) Pheexiroos isa Arfaffaa murteessi.
17. Gamaliel eenyu turee?
18. Kiristaanonni maaliif dhiphina keessatti gammaduu?

# HOJII ERGAMOOTAA 6

## KEEYYATA HAALA JIJJIIRRAA AMMAYYAATIIN QOQQOODUU

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Dhiyeeffamuu warra torbanii (The appointment fo the seven | Warra turban hojiif filataman (seven chosen to serve) | Filannoo warra torbanii (choise of the seven) | Gargaartota turban (The seven helprs) | Gamtaa'ina warra torbanii (The Institution of the seven) |
| 6:1-6 | 6:1-7 | 6:1-7 | 6:1-4 | 6:1-6 |
| | | | 6:5-6 | |
| | | | 6:7 | 6:7 |
| Qabamuu Isxifaanos (The arrest of Sephen) | Isxifaanos Arrabsoo ykn mormiin himatamuu isaa (The accused of Stephen by Blasphemy) | Lallabuu Isxifaanosii fi dhiphina guddaa isarra ga'e (preaching and martyrdom of Stephen) | Isxifaanos qabamuusaa (The arrest of Stephen | Qabamuu Isxifaanos (The Stephen's arrest |
| | | (6:8-7:2a) | | |
| 6:8-15 | 6:8-15 | 6:8-7:2a | 6:8-15 | 6:8-15 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (READING CYCLE THREE)**
***(Caaffata A Guid to Good Bible Reading" jedhu fuula Vii irraa)***

Kun qajeelfama qo'annoo waan tokko irratti yaada kennuu ta'e kan wangeela hiikuuf ittigaafatamummaa ofii ba'anidha. Tokkoon tokkoon keenya Ifa qabnu keessa deddeebi'uu qabna. Ati/isin, Macaafni Qulqulluu fi Afuurri Qulqulluu hiikuu keessatti warra jalqabaati. Yaada kennitootaaf (commentators) jetti dhiisuu hin qabdu.

Yeroo siif kenname keessatti boqonnaa isaa dubbisi. Dhimma isaas gargar baafadhu. Qoqqooddaa dhimmoota adda baafattees Qoodinsa jijjiirraa ammayyaa shananiin walbira qabiitii madaali. Keeyyataan qooduunis seera qabeessa ykn haala gaariin ta'uu qaba. Garuu bu'uura hiikuu kan ta'e Ijoo yaada barreessaa hordofuudha. Keeyyanni kamiyyuu hima Ijoo/dhimmoota waldeeggaran tokko qaba.

1. Keeyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keeyyata sadaffaa

4. kkf

**HAALA GALUMSAATIIN HUBANNOO WALIIGALAA**
**(CONTEXTUAL INSIGHTS)**

A. Boqonnaawwan 6 fi 7 hogbarruu Luqaas Seenaa jalqabaarratti daandii ergamni warra Yihudootaa hin turreefis ergame ibsudha.

B. Yeroo kana waldaan Yerusaalem keessa turte hatattamaan guddatte (babal'atte) (cf. 6:1).

C. Waldaan kan hundeeffamte, warra afaan Yihudootaa dubbatanii Palestaayin irraa dhufanii fi warra afaan Giriik dubbatanii warraaqsa (diaspora) irra turaniinin turte.

**BARREEFFAMA NASB (FAYYA'AA) 6:1-6**

[1]**Bara sana lakkoofsi warra Yesuusitti amananii baay'atee, Yihudoonni warri afaan Giriikii dubbatan warra afaan Yihudootaa dubbatan irratti guunguman. Kun immoo haadholiin hiyyeessaa isaanii gargaarsa guyyaa guyyaatti ni argatu kan turan waan dagatamaniif ture.** [2]**Yemmus warri kudha lamaanuu tuuta amantootaa walitti qabanii "Nuyi soora jara kanaaf kurkuruudhaaf jennee dubbii Waaqayyoo lallabuutti hir'isuun nuuf hin ta'u.** [3]**Yaa obbolootaa namoota hojii kana itti kenninu torba, warra maqaa gaarii qabna, warra hafuurri qulqulluuniifi ogummaan keessa guute, of keessaa barbaadaa.** [4]**"Nuyi garuu kadhataa fi lallaba dubbii Waaqayyoof ergamuutti ni qabamna" jedhanii yaadachiisan.** [5]**Tuuti sun guutummaatti dubbii ergamoonnid hiyeessan jaalatanii, Isxifaanos kan jedhamu amantii isaatti jabaa kan ta'ee fi hafuurri qulqulluunkan keessa guute dhiyeessan: akkasumas Filiphoos, Phirokors, Niqaanoora,a Ximoonaa, Pharmeenaa fi Niqolawoosiin nama biyya anxokiyaa Isa amantii warra Yihudootaa fudhatee tures.** [6]**Isaan kana hundumaa Ergamoota dura dhaabachiisan. Ergamoonni yemmus Waaqayyoon kadhatanii mataa tokkoon tokkoon isaanii irra kaa'ani.**

**QO'ANNOO JECHOOTAA FI GAALEE**

**6:1 "duuka buutota/warra Yesuusitti amanan"** (disciples) Isaan kun warra ogummaadhaan Montaano irraa baratanidha. Kunis duuka buutota ta'uudhaan xiyyeeffannoo Kakuu Haaraa kaasuuf gargaara malee murtee afaanii qofa jedhamu miti. Amantootaaf filannoon kun wangeelotaa fi Hojii Ergamootaa keessatti addadha. Ergaawwan keessatti jechi "Obboloota" fi qulqulloota jedhan hordoftoota Yesuusii fi warra fo'atamaniif gargaara.

▣ **"lakkoofsaan dabalan"** Kun GOCHA AMMA OFIIN TA'AA JIRU (PRESENT ACTIVE PARTICIPLE)dha. Babal'inni yeroo maraa yaaddoo fida.

▣ **"guungumuu"** Hiikni kanaa 'dhuunfaadhaan sagalee gadi qabatanii dubbachuudha' (Moulton Analytical lexicon, fuula 81). Jireenya lafa onaa ibsuun yeroo hedduuf seera ba'uu keessatti ta'aa tureera (cf. S.Ba'u 16:7,8; 17:3 akkasumas S.lakk 11:1; 14:27) duratti kan ture, hanga ammaattillee gargar hin cinne. Jechi kun Luq. 5:30 fi yeroo hedduu wangeela Yohaannis keessatti argama (cf. 6:41,43,61; 7:12,32).

▣ **"warri afaan Giriikii dubbatan warra afaan Yihudootaa dubbatan irrattu guunguman"** Kun amantoota Yihudootaa kanneen paalestaayin irraa dhufanii Afaan Yihudootaa kan Armaayik jedhamu dubbatanii fi warra sochii keessa guddatanii jalqaba Afaan Giriikii kan Koyin (koine) jedhamutti afaan hiikkatan gidduu waldhabbii ture ibsa. Haala kana keessas kan ture caalmaadhaan dhiibbaawwan aadaa fi lammummaa/qomoo ture.

▣ **"gargaarsa guyyaa guyyaa"** Caaseffama bajataa mana sagadaa warra hurrii ba'anii kan "synagogue" jedhamu, kan waldaaleen amantootaa hordofaa turtedha. Maallaqni torbee torbeen gargaarsa hiyyeessotaaf walitti qabamaa tuedha. Qarshiin kunis deeggarsa torban torbanitti mana sagadaa warra hurrii ba'anii kan "synagogue" jedhamuun kennamuufi kan waldooleen amantootaa guyyaa guyyaadhaan hiraa turte bituudhaaf gargaara.

Mata duree addaa ilaali: kennaa gargaarsaa (alms) 3:2

Kunis, seenaa irratti maatiin Yihudootaa warri biyyoota alaa jiraatan turanii fi hojjetaas turan hedduun isaanii paalestaayiniin lafa abbaa isaanii baroota durii lafa itti awwaalamuu danda'u lafa kakuutti deebi'uuf fakkaata. Kanaafuu paalestaayinii keessaa dubartoota abbaa manaa hin qabne hedduutu ture. Keessattuu naannoo Yerusaaleemitti baay'inaan tureera.

Amantii Yihudootaa kan ture Judizimiin dhaabbata kakuu (mosaic covenant kan hiyyeessota (poor), Ormoota (alien) fi dubartoota abbaan manaa irraa du'e kan ilaallatu qaba ture. (cf. 5 Ba'u 22:21-24; S.Kees 10:18; 24:17). Barreeffammoonni Luqaasiis Yesuus caalmaadhaan dubartoota abbaa manaa hin qabneef yaaduu isaa argisiiseera (cf. Luq 7:11-15; 18:7-8; 21:1-4). Caaseffamni waldaalee duriis tajaajila manni sagadaa kan "synagogues" jedhamu hawaasaaf kennuun fi barsiisa Yesuus irratti qabdu kan dubartoota abbaa manaa hin qabneen walqabatu uumamumaa ifa ta'e qabdi.

**6:2 "kudha lamaan"** Kun Aankii Hojii Ergamootaa keessatti waliigalaan Ergamootaaf kennamedha. Isaanis warra jalqabaa keessattuu warra filataman duuka buutota Yesuusiif jalqabaaf yeroo inni Galiilaatti hojii Waaqayyoo jalqabu kennameefidha.

▣ **"tuuta amantootaa walitti qabani"** Haala kana keessatti kallattumaan maal jechuu akka a'e beekuun ulfaataadha. Kunis waan waldaan namoota kuma hedduu irraa hudneeffamteef mijaataa hin turre. Kanaafuu yeroo sana manni hin turre ykn gurmaa'ina kanaaf mana jireenyaa qopheessuun baasii guddaa barbaada. Kanaaf mana qulqullummaa (Temple) keessatti akka wal ga'an taasifameen dirqama ta'e. Gardaafoo Solomoon keessatti ta'uun isaa hin oolu (cf. 3:11; 5:12).

Kunis fakkeenya yeroo jalqabaaf "gurmaa'ina tuuta hedduu (congregational polity) jedhamee beekkamedha (cf. vv 3:5; 15:22).

Akkaataa Macaafa Quqlulluutiin waldooleen kiristaanaa yeroo ammaa kana bifoota sadan armaan gadii keessaa tokkoo isaatiin of hundeessiti ykn of tokkummeessiti.

3. Waldaa geggeessaan tokko (episcopa/on top leader)
4. Waldaa geggeessitoota gurmaa'anii (pres by terian/agroup of leaders
5. Waldaa qaam amantoota guutuu (congregational/the whole body believers)

Hundumtuu Hojii Ergamootaa 15 irratti kaa'amaniiru.

▣ **"nuyi soora jara kanaaf kurkuruudhaaf jennee dubbii Waaqayyoo lallabuutti hir'isuun nuuf hin ta'u"** Kun yaada waa'ee gargaarsaatiin fakkeenya ta'uu hin qabnu jedhu kan ibsu miti. Garuu dursa. Miira itti gaaftamummaa saba Waaqayyoo gidduutti qooduudha. Innis Waajjira ykn biiroo waliif kennuu osoo hin taane hojii dadhabsiisaa sadarkaa gadiiti. Hojiin wagneelaa hojiiwwan barbaachisaa hundaa dursuu qabaachuusaa kan bisudha. Ergamoonnis hojii hojii isaaniif adda ba'anii kanneen wamamanii fi qulqulloota kan ta'anidha. Hojii isaanii irraas homtuu isana hin fuudhu. Kunis lama keessaa tokkoo (Either/or) osoo hin taane lachuu (both/and) jechuudha.

Jechi "tajaajila (serve) jedhu jecha Giriik beekkamaa ta'e "*diakonia*" jedhu irraa dhufe. Innis "gargaaruu" jechuudha. Yaada kennitoonni ammayyaas haala sirrii hin taaneen, Akka qajeelfama waajjira daaqonoota duriitti ilalau (cf. Phil. 1:1; 1Xim. 3:8-10; 12-13). Barreeffama kana akka hojii murtaa'aa gargaarsaaf kennameetti ilalauu ta'uyyuu kun daaqonoota (dacones) jechuu miti. Hojjettoota wangeelaa warra gargaaranidha.

Hojii Ergamootaa '6' keessatti haadhotii hiyyeessaa oqfatu daaqonoota/gargaartota barbaade.

Haalli waldooleen durii ijaarsa manaa malee hojii ishee mijeeffattee keessaa kan nama hawwachiisu.

1. Yaa'iin isaanii mana qulqullummaa (Temple) keessatti ta'uusaa
2. Guyyaa Dilbataa amanamummaa/dhugaadhumaan mana sagadaa kan "synagogue" jedhamutti walga'uu isaanii
3. Toorbee keessatti (guyyaa guyyaan) Ergamoonni mana amantootaa irraa gara mana amantootaatti deemuu (cf. 2:46)

**6:3**

| | |
|---|---|
| **NSB, NRSV** | **"walitti qabi"** |
| **NKJV** | **"keessa barbaadi"** |
| **TEV** | **"Filadhu"** |

**NJB** **"dirqama kan barbaadamee filadhu"**

Kunis GILAA'INA GIDDUUGALA (AORIST MIDDLE) AJAJAATI. Tokkummaa cimsuuf wanti tokkoo fi hafuurri tokko hojjetamee tureera. Wanti xiqqoon sunis wangeela gara fuulduraatti tarkaanfachiisuuf dandeettii qabdi turte. Beektoonni amayyaas "nip it in the bud" jedhu kunis Daa'imummaatti qonxooxi! Jechudha.

▣ **"Namoota torban"** Kakuu Moofaa keessatti bakka bu'aa lakkoofsa sirrii tokko ta'uu isaarraa kan hafe. Sababa waamama biro hin qabaatu. Garuu, uumama guyyoota torbaniin sadhata qaba. (cf. Uma. 1; Far 104). Kakuu Moofaa keessatti haala walfakkaataa ta'een guddinni geggeessitootaa toora sadarkaa lammaffaan dursee murtaa'ee ture.

▣

**NASB, NJB** **"tabaroo gaarii" ("good reputation")**
**NKJV** **"warra kabaja gaarii qaban keessaa**
**NRSV** **"dhaabbii gaarii warra qaban keessaa"**
**TEV** **"warra ta'uun beekkaman"**

Garaagarummaan jijjiirraa Afaan Ingilizii kun tajaajila lama kan gargar ta'anii jechi kun qabu calaqqisiisa.

1. Ragaa ba'uu/odeeffannoo gaarii kennuu (to witness to) (cf. TEV,NIV)
2. Gaarummaa nama tokkoo dubbachuuf (cf. Luq 4:22)

**6:3 "kan afuurri keessa guute"** Haalli afuurri ittiin namatti dhaga'amu Hojii Ergamootaa keessatti bakka hedduutti warra kudha lamaanii fi lallaba gahee hojii isaaniitiin eerameera. Innis Aboo hojii bakka bu'a. Lubbuu namootaa keessa jiraachuun afuuraa of qorachuuf kan gargaarudha. Gochaa fi bu'aa isaatiifis ragaan ilaalchaa ni jira. Naannoo rakkinni akkasii jirutti akka garaaraniif namoonni waldaan filattu. Gonkumaa as keessatti hin ibsaman. Garuu akka lallabdoota afuuraatti ni ibsamu. Dubartoonni abbaan manaa isaanii irraa du'a sunneenis barbaachisoodha. Garuu labsiin wangeelaa dursuu qaba jechuudha malee barreeffama guutuu 2:4 fi 3:10 irraa ilaali.

▣ **"warra ogummaa keessa guute"** Ogummaa gosa lamatu jiru:

1. Kuufama beekumsaa (arasp of knowledge)
2. Jireenya quqlullaa'aa (wise living)

Namoonni torban filataman sunneenis kanneen lamaan qabu turani.

▣ **"namoota hojii kana itti kenninu"** Isaanis warra abbaatti dalagaa karoorfame qabanidha. Barreeffamni kun daaqonoonni hojii waldaa irratti harka fudhachuu isaanii ibsuu <u>hin danda'u</u>. (cf. KJV. "this business") Jechi dalagaa jedhu fedhii hojii waajjiraan alaati (Alfred Marsha, *RSV interlinear* kan jedhu fuula 468 irra).

**6:4 "of kennuu"** Jechi Giriikii kun miirota adda addaa keessatti tajaajila

1. Walitti dhufeenya uumuun namoota walii gurmaa'uu (cf. HoE 8:13)
2. Namummaadhumaan nama tokko gargaaruu (cf. 10:7)
3. Ejennoo tokkoon (stead fastly) waan tokkoof abdatamuu
   a. Amantoonni durii walii isaaniif (HoE 1:14)
   b. Amantoonni durii barsiisa ergamootaarratti (HoE 2:42)
   c. Amantoonni durii ofii isaaniitiif (cf. HoE 2:46
   d. Ergamoonni hojii kadhataa fi sagalichaaf (cf. HoE 6;4)

Phaawuloosis amantoonni kadhannaa keessatti ejjennoo tokko akka qabaataniif jecha kanatti fayyadamaa tureera (cf. Rom 12:12; Qol 14:2).

▣ **"kadhataa fi lallaba dubbii Waaqayyoo"** Gaaleen kun himoota Giriikii keessatti kan dursu/kan jalqaba bakka fudhatu xiyyeeffannoodhaafi. Warri torban jalqabaaf mul'ata Ergamaa hojii wangeelaa addunyaaf qabaniif kan ture ta'uun isaas shakkisiisaa miti. Garuu Ergamoota miti.

Kan inni tureef, warra boqonnaan Judizimii wajjiin ta'uu isaa labsuuf ba'aniifidha malee Ergamootaaf miti.

**6:5 "Isxifaanos"** maqaan isaa 'Gonfoomi'achaa' jechuudha. Warreen torban sun hundinuu maqaa Giriikotaa qabu turani. Garuu irra caalaan Yihudootaa warri alaa sochiirra turan, kan lachan isaaniituu maqaa Ibirootaas maqaa Giriikotaas ni qabu turan. Akkuma maqaa isaanii Yihudoonni hundinuu afaan Giriikii dubbatu jechuu miti. Sababni achi dhiyaatu akka ibsutti, lachan isaaniituu yeroo ammaa garee lachuu qabu.

▣ **"amantii guutuu"** Jechi "Amantii" (faith) jedhu jecha Kakuu Moofaa kan "emeth" jedhu irraa dhufee kan hiia, "Nama miilli isaa dhaabbii hin raafamne qabu" jechuudha. Nama amanamaa (trust worthy) nama amantii guutuu (faithfulness), nama hirkataa (dependable) fi nama garraamii (loyal) bakka bu'ee tajaajila. Kakuu Haaraa keessatti, jechi kun deebii amantoonni abdii Waaqayyo karaa Kiristoos galeefiif qabanidha. Nuti amanamummaa isa ani amananna. Amantiin Amantii isa ani fudhanna. Isxifaanos amanamummaa Waaqayyoo ni amane. Kanaafis hojii Waaqayyootiin (amantii guutuu,k amanamummaan) beekkame.

▣ **"Afuuraan…guutuu"** Gaaleewwan adda addaa kanneen maalummaa afuuraa ibsan hedduutu jiru.

1. Jireenya afuuraa (the wooing of the sprit) (cf. Yoh. 6:44,65)
2. Cuuphaa afuuraa (the baptism of the spirit) (cf. Qor 12:13)
3. Ija afuuraa (the fruit of the spirit) (cf. Gal 5:22-23)
4. Kennaa afuuraa (the gifts of the spirit) (cf. 1Qor 12)
5. Miireffannaa Afuuraa (the filling of the spriti) (cf. Efe. 5:18)

Afuuraan guutuu ta'uun waantoota lama argisiisa (1) Namni took fayyuu isaa (cf. Rom. 8:9) fi (2) namni tokko afuuraan geggeeffamuu isaa (cf. Rom. 8:14). Guutummaan waan tokkoo (fullness) osoo gargar hin citiin guutamuu isaa kan wal qabatudha. HOJII YEROO AMAA kana dadhabaa dhufedha (Efe. 5:18).

▣ **"Filiphoos"** Kakuu Haaraa keessatti Filiphoos hedduutu jiru. Kanneen keessaa Isa warra torbanii keessaa tokko turedha. Maqaan isaa "Jaalataa Fardaa" jechuudha. Dalagaan isaas HoE 8 irratti dubbatameera. Duula wangeelaa Samaariyaa keessatti ta'eef nama hirmaannaa guddaa qabuu fi hojjetaa mootummaa kan lammii Itoophiyaa ta'ee karaa deemu tokkoof nama odeeffannoo namummaa kenneefidha. Aagaa/Abbaa Wangeelaa ture (HoE 21:8). Obboleettiin isaas hojii wangeelaa keessatti raajummaadhaan kaka'umsa nama qabdu turte (HoE 21:9).

▣ **"Prochorus"** Waa'ee nama kanaaf kan beekkamu muraasa. Akka James Orr barreeffama "International Standard Bible Encyclopidia. V.f" jedhu keessatti jedhetti, Abuunii (bishop) Niqomeediyaa ta'uun Antioch keessatti Kitimaa'eera (martyred).

▣ **"Niqaanooraa"** Seenaa waldaa kiristaanaa keessatti, waa'ee isaa wanti beekamu hin turre. Maqaan isaa maqaa Giriik Injifataa/weerarticha jedhu bakka bu'a.

▣ **"Ximoonaa"** Seenaa waldaa kiristaanaa keessatti waa'ee nama kanaas wana beekkamu hin turre. Maqaan isaa kan Giriik "kabajamaa" jedhutti hiikama.

▣ **"pharmeenaa"** kun bifa gabaabataa 'pharmenida' jedhuuti. Waldaan durrii akka jettutti bara ka'insa Trajan pilippitti kitimaa'eera (martyred).

(The International Standard Bible Encyclopedia, V.4 p2248)

▣ **"Niqolaas"** Nama biyya Anxookiyaa isa amantii Yihudootaa fudhatedha. Odeeffannoo bal'aan waa'ee isaaf eknnamuu jiraachuu ni danda'a. Sababni isaas mana Luqaas taa'aa waan tureef ni beekkama. Amantii Yihudootaa fudhachuudhaan jilawwan sadii irratti nama qooda fudhachaa turedha. (1) bakka dhuga baatonni jiranitti of cuuphuun (2) bakka namni, yoo dhiira, ta'e, dhagna qabatu/kittaanamutti (3) bakka namoonni, yoo carraa argatan, wareega/aarsaa mana qulqullummaatti dhiyeessanirratti waa'ee nama kanaaf wantoonni nama tabjeessan (confusion) ni jiru. Sababni isaas, gareen maqaa kanaan of moggaasan Mul. 2:14-15 irratti waan eeramaniifidha. Abbootiin waldoolee duriis (Irenayisyus fi Hippolytas) garee shakkisiistota kana tsatu hundeesse jedhanii yaada kennu. Irra caalaan Abboota waldaa kiristaanaa kanneen hidhata kana ibsanis, gareen kun

hundeessaa fi geggeessaa isaanii ta'uu isaa Yerusaalem keessatti beeksisuuf maqaa kana moggaafatanii jedhanii yaadu.

**6:6 "harka isaanii isaan irra kaa'anii"** Seerlugni isaa akka ibsutti waldaan hunduu harka isaanii isaan irra kaa'aniiru. (cf. 13:1-3) ta'uyyuu ibsi qooda maqichaa ifa kan ta'e miti.

Manni amanti Kaatolikii Roomaa barreeffama kana. Adda ba'insa/dibamuu Ergamootaa ibsuuf dhimma itti ba'u. Dubbisa akkasii nuti jireenya cuuphaa keessatti dhimma itti ba'uun luba ba'uun (ordination) dubbii Waaqayyoof of kennuu namootaa ibsa.

Waamamuun amantootaa yoo dhugaadhaan ta'e, hojii dubbii Waaqayyoos ni qaba. (cf. Efe. 4:11-12). Kunis Kakuu Haaraa keessati garaagarummaa lubootaa fi amantootaa gidduu hin jiru yaada jedhu ibsa. Hundeeffamni lubummaa fi gama wangeelaan babal'isuun lallaba hin deeggaramnedha. Barreeffama Kakuu Haaraa isa ifa ta'e keessatti irra deebi'amee qoratamuu kan barbaadudha. "Harka isaanii irra kaa'an" kan jedhu kunis ol'aantummaa aangoo fi barbaachisummaa addaaf osoo hin taane hojii bakka bu'uu danda'a. Gartuuwwan Aadaa hedduun isaanii seenaa ykn gartuummaa irratti hundaa'u malee, barsiisa Macaafa Qulqulluu irratti iftoominaan hin hundaa'ani. Yoo gulantaa aangoo Macaafa Qulqulluu kaase Aadaan rakkina hin qabu.

**MATA DUREE ADDAA: HARKA IRRAA KAA'UUN WANGEELA KEESSATTI**

Sochii qaama namummaa kana wagneela keessatti karaalee adda addaa hedduun itti dhimma baana.

1. Guddatanii geggeessummaa maatii bira darbuu (cf. Uma. 48:18)
2. Akka aarsaa bakka bu'iinsa du'aatti adda ba'uu
   a. Luboota/priests (cf. Ba'u 29:10,15,19; Lew 16:21; Lak. 8;12).
   b. Namoota aangoo lubumaa hin qabneef /lay persons/ (Lew 1:4; 3:2,8; 4:4,15,24; 2Mot. 29:23).
3. Dubbii isaaf Waaqayyoon akka tajaajilaniif namoota qopheessuu (Lakk. 8:10; 27:18,23; Kes. 34:9; HoE 6:6; 13:3 1Xim. 4:14; 5:22; 2Xim 1:6).
4. Hirmaannaa cubbamoota karaa seeraan jajjabeessuuti (Lew 24:14).
5. Fayyinsaaf, gammachuu fi wantoota gaariif eebba fudhachuu (cf. Mot. 19:13,15; Mar. 10;16)
6. Fayyina qaamaan kan wal qabatu (Mat. 9;18; Marq. 5:23; 6:5; 7:32; 8:23; 16:18; Luq 4:40; 13:13; HoE 9:17; 28:8).
7. Afuura qulqulluu fudhachuu (HoE 8:17-19; 9:17; 19:6).

Barreeffamoota gama seenaatiin tajaajilan keessatti hanqina tokkummaa (lack of uniformitiy) ijaa nama ibsiisutu karaa lallabaa geggeessitootaa fi amantoota bakka bakkatti deebisuuf gargaara qaba.

1. HoE 6:6 irratti, Ergamoonni hojii Waaqayyoof warra torban irra kaa'uu isaanii ibsa.
2. HoE 13:3 irratti, Raajonni fi barsiisonni Hojii Ergamsaaf Barnaabaasii fi Phaawuloos irra kaa'uu isaanii ibsa.
3. 1Xim. 4:14 irratti, jalqabaaf warra Affeerraa Ximotewos irratti argaman irra yeroo jaarsoliin kaa'an ibsa.
4. 2Xim. 1:6 irratti kan Phaawuloos Xiimotesos irra kaa'e ibsa.

Garaa garummaa fi kan ifa hint aane ta'uun isaa kun waldoolee jaarraa 1ffaa keessa turaniif hanqina tokkummaa ture. Waldooleen durii kanneen jijjiiramanii fi itti fufinsaan amantoota kennaa afuuraa qabanitti dhimma ba'aa turtedha. (1Qor 14) Kakuu Haaraa modeela mootummaa ykn adeemsa lubummaa deeggaruuf kan salphatee barreeffame miti.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 6:7**

**7 Dubbiin Waaqayyoo itti fufee bal'achaa, baay'inni amantoota Yerusaalemitti argamaniis ittuma dabalamaa adeema. Luboota keessaas baay'ee amanticha fudhatan.**

**6:7 "dubbii Waaqayyoo"** Kun wangeela yesuus Kiristoos kan ibsudha. Jireenya isaa,du'uu isaa, du'aa ka'uu isaa fi ilaalcha karaa haarawaatiin waa'ee Waaqayyoo Kakuu Moofaa barsiisuu isaati (Mat. 5:17-48). Yesuus sagalicha (Yoh. 1:1; 14:6) kiristiyaanummaan nama!

▣ **"itti fufee bal'achaa"** Xummurtoonni lakk 7 irra jiran hunduu hojii hin hubatamne ibsu. Handhuurri ergaa Macaafa Hojii Ergamootaas kanadha. Saba Kakuu Haaraa warra Yesuusiti amananii fi warra haareffamanii qaama saba Waaqayyoo ta'aniin dubbiin Waaqayyoo ittuma fufee babal'achaa deeme.
(cf. 6:7; 12:24; 19:20) Kunis balbala (allusion)/// Waaqayyo nama Kakuu Moofaa keessa ture Abrahaamiif lakkoofsi maatii isaa akka baay'atuuf kakuu galeef ta'uu danda'a. (HoE 7:17; Uma. 17:48; 18:18; 28:3;36:11).

▣ **"luboota keessaas baay'een amanticha fudhatan"** ("a great many of the priests were becoming obedient of the faith") Kun sababoota gegeessitoonni Yihudootaa kaasan keessaa isa tokko ture. Kunis goolii kiristaanummaaf qabanidha. Warri Macaafa Kakuu Moofaa sirriitti hubatan. Yesuus namni Naazireet dhugaadhumaan Masihii Judizimiis keessa isaaniitii hiikachaa deeme. Cuunfaan Macaafa kanaaf qabxii Ijoo ta'uu danda'an (9:31; 12:24; 16:5; 19:20; 28:31).

▣ **"amanticha"** Jechi kun yaadolee gara garaa qabaachuu danda'a. (1) durbuubeen isaa akka Kakuu Moofaa amanamummaa ykn irratti ofgatuu jechuudha. Kanaafuu kan inni tajaajilus "Amanamummaa Waaqayyoo amanachuu keenya ibsuufidha. (2) Fudhatamummaa fi dhiifama cubbuu bilisaan karaa Kirisoos arganne ibsa. (3) Amanamummaa jireenya Waaqeffannaan jiraachuu keenya ibsa. (4) gurmuu miirota amantii kiristaana aykn seera bulmaata sirrii waa'ee Yesuus ibsa (Rom 1:5; Gal. 1:23; Yihu. 3 fi 20).

**BARREEFFAMA NASB (FOOYYA'AA) 6:8-15**

**8 Isxifaanoos Ayyaanaa fi humna Waaqayyootiin guutee, dinqiidhaa fi milikkita gurguddoo namoota keessatti argisiise. 9 Yemmus jarreen Qaaroneetii fi Iskindiriyaa tokko warra" mana sagadaa warra hurrii ba'anii" jedhamu tokko wajjiin akkasumas biyya Qiliqiyaatii fi Asiyaatii kan dhufan tokko ka'anii Isxifaanositti falman. 10 Haata'uyyuu malee ogummaa fi afuura isa Isxifaanos ittiin dubbateen mormuu hin dandeenye. 11 Kanaafis Musee fi Waaqayyoon otoo arrabsuu isa dhageenyeerra akka jedhaniif namoota itti kakaasan. 12 Isaan akkasitti namootaa fi maanguddoota, barsiisota seeraas isatti aarsanii, Isxifaanosiin qabaanii harkisaniis yaa'iitti isa geessani. 13 Namoota sobaan isa irratti dhugaa ba'uuf jedhanis fidan. Warri sobduun kun immoo namni kun yeroo hundumaa iddoo qulqullaa'aa kanaa fi seera Museetiin mormuu hin dhiisu. 14 Yesuus namni Naazireet kun iddoo kana balleessuuf wanta amala ta'e isa Museen nutti dabrsees geeddaruuf jira jedhe eutuu inni dubbatuu dhageenyeerra jedhan. 15 Yaa'icha keessa kan turan hundinuu fajajanii Isxifaanosiin yemmuu ilaalan fuulli isaa akka fuula ergamaa Waaqayyoo ta'ee argan.**

**6:8 "ayyaanaa fi humna Waaqayyoon guutuu"** Ayyaanaa guutuu kan jedhu eebba Waaqayyo jireenyaa fi hojii isaarrati namaaf kennu ibsa. Jechi humna jedhu immoo gaalee dinqiidhaa fi milikkita gurguddoo hojjete jedhuun hordofama.

▣ **"dinqiidhaa fi milikkitoota gurguddoo hojjete"** Kunis dalaga hin hubatamnedha (akka lakk 7tti). Ta'iin kun kan ta'e osoo warra torbanii keessaa tokko ta'ee hin filatamiin dura ture. Ergaan wangeelaa Isxifaanoosis itti fufee namummaa isaatiin deeggarame (Ayyaanaa fi humnaan guutamuu isaatiin).

**6:9 "namooni muraasni…irraa, muraasni…irraa"** Gaaffii namoota meeqatu akka Isxifaanoos irrati ka'e jedhuun wal qabata.

1. Mana sagadaa warra hurrii ba'an (synagugues) tokko irraa (namoota biyyoota tarreeffaman hundarraa dhufan)
2. Manneen sagada warra hurrii ba'anii (synasogues) lama irraa
3. Yihudoota Kilikiyaa fi Eshiyaarraa dhufaiin
4. Yihudoota siyiriniyaa fi Aleksandariyaarraa dhufan

5. Mana sagadaa warra hurrii ba'ani (synagogues) lamarraa garuu garee lama qofa kan turan.
6. Manneen sagadaa warra hurrii ba'anii (synagogues) garaaraa shan irraa kanneen dhufan.

Waliigalteen Giriikotaa kan The Greek GENITIVE MASCULINE PLURAL ARTICLE (*tōn*) jedhu yeroo lamaaf irra deebi'eera.

▣ **"kan jedhaman irraa"** Gaaleen kanaaf sababa kan ta'u jecha Latinii kan 'hurrii ba'an' (freedmen) jedhu yoo ta'u innis walabummaa ykn qulqullummaadhaaf tajaajilaa ture. Innis Yihudoota warra biyya Ormaatti fudhatamanii. Humna waraanaa fi dinagdee keessatti akka garbaatti iaalaman garuu booda bilisa ba'anii gara pelestaayinitti deebi'aniif ture. Garuu hana ammaattuu afaan Giriik akka afaan jalqabaatti dubbatu.

**6:10** ergaan wangeela Isxifaanos. Milikkitaa fi humna qofa kan ture osoo hin taane kan yaaliidhaan ibsamee sabaaf bu'aa buusuun fudhatama argatedha.
Boqonnaa '7' fakkeenya lallaba isaati.

▣ **"afuuricha"** Barreeffamoota Giriik keessatti haalli ittiin qubee guddaa adda baafatan hin turre. Kanaaf jijjiirtoonni waan tokko raggaasisani. Innis 'S' qubee guddaa yoo ta'e Afuura Waaqayyoo ibsa. Qubee xiqqaa yoo ta'e immoo afuura namaa ibsa kan jedhudha. (cf. 7:59; 18:25; Rom 1:9; 8:16; 1Qor 2:11; 5:4; 10:18; 2Qor 2:13; 7;13; 12:18; Gal. 6:18; Fil 4:23).

Kunis Fakk. 20:27 irra isa jiruuf balbala ta'e.

**6:11 "dhoksaan namoota kakaasaa jiru jechuun"** Jechi 'kakaasuu' jedhu kaninni bakka bu'uu danda'u. (1) Matta'aa kennuun badii dalageessisuu (cf. LouW and Nida Lexicon v.1, p577-578). Dhoksaan wantoota dalaguuf karoorfachuu (cf. Bauer, Arndt, Gingrich, and Danker, A Greek English Lexicon, p 843). Kunis toftaalee Yesuusii fi Phaawuloos irratti dhiyaateniin wal fakkaata. Hojiinisaanii jeequmsa Ba'u 20:7 irra ture kan yakka lubbuu balleessuuf sababa turedha.

▣ **""osoo inni Musee arrabsuu dhageenyeerra""** Lallabni Isxifaanoos HoE 7 irratti gocha kanaaf deebii kenneera. Garuu Isxifaanos masihummaa Yesuus ibsuuf Kakuu Moofaattis dhimma ba'uu danda'eera.

▣ **"Waaqayyoon *arrabsuu*"** Yihudoonni Musee Waaqayyoon dura taasianii ilalau. Caasaan hima isaaniis rakkina hubannoo dhabuu isaanii irratti ni ibsa. Seera Musee baay'ee cimsanii turani.

**6:12 "maanguddootaa fi barsiisota seeraa…Gorsitoota"** Gaaleen maanguddootaa fi barsiisota seeraa jedhu kun muudama miseensota sanhedriniif yeroo mara kennamudha. Akka galumsa kanatti gorsaa bakka bu'ee ibsa. Innis humna amantii lammiilee Yihudootaa bara Roomaanotaan duraa bara 70 Dh.K.D turedha. Innis kan hudneeffame. (1) luboota olaanoo fi maatii isaaniin (2) dureeyyota abbootii lafaa fi geggeessitoota lammiileen (3) barsiisota seeraatiin fa'aa ture. Innis walii galatti geggeessitoota torbaatama naannoo Yerusaalem irraa dhufan qaba ture. Mata duree addaa ilaali. (The Sanhedrin 4:5 irratti).

**6:13 "namni kun"** Kun adeemsa Seemetik tuffii ibsudha. Gaaleen kun yeroo mara Yesuusiif dubbatamaa ture.

▣ **"iddoo qulqullaa'aa kanaa fi seeraan mormuu hin dhiisu"** Gaaleen kun dabalata dalaga lakk 11 irratti kaa'ameeti. Kunis Isxifaanos jecha Yesuus kan waa'ee mana qulqullummaa isa Luqaas 19:44-48 irratti caafame mirkaneessuu isaa ibsa. Garuu kan Mat. 26:61; 27:40; Marq. 14:58; 15:29; Yoh. 2:19 (cf. v.14).

Yesuus akka mana qulqullummaa haaraatti, akka mana kadhannaa haaraatti, akka lafa yaa'ii Waaqayyoo isa haaraatti fi akka namaatti of ilaalaa ture.
(Marq. 3:31; 9:31; 10:34).

Madda seeraan mormuu kan ta'eefis, lallaba Isxifaanos kan dhiifamuun cubbuu bilisaan karaa Yesuus qofa jedhudha. Ergaan wangeelichaas kakuu dhagaarratti caafamee ture hir'isuudhaan ragaa seenaan ture fayyinaan hiikuudha.

Jaarraa jalqabaa Yihudootaatti kun barsiisa ariifachiisaa kan arrabsuu kanaan mormu ture. Innis dhugaadhumaan adda ba'ee. Hubannoo Kakuu Moofaa kan Waaqa tokko (monotheism), fayyina (salvation) fi bakka adda ta'e Israa'elootaaf laatame (unique place of Israel) jedhan irraa dhufe.

**6:14** Miira isaanii keessatti hojichi dhugaa ture Hojiiwwan kunneen kan wixineeffamaniif "Sadducees" warra turaniif bakka kana balleessuuf (stirrup) fi Faarisoota kakaasuuf (seerota Musee jijjiiree balleessuuf jechuun)

▣ **"Yesuus nmani Naazireet kun"** Mata duree addaa 2:22 irratti ilaali.

**6:15 "fajajanii ilaalan"** Kun mi'a hogbarruu Luqaas ittifayyadamaa turedha. Innis ilaalcha yaada namaa hirkisu kan walirraa hincinne ibsa.(Luq. 4:20;22:56;HoE 1:10;3:4;12; 6:15;7:55;10:4; 11:6;13:9;14:9;23:1)

▣ **"fuullii isaa fuula ergamootaa fakkaata"** Kan inni wal fakkaachuunii danda'us. (1) Fuula Musee YHWH argee finiine (cf. Ba'u 34:29-35) (2) Fuula Yesuus yeroo inni of jijjiiree finiine (Mat. 17:2; Luq 9:29) (3) Ija Daani'eel yeroo inni ergamaa Waaqayyoo mul'ataan argee hoollate (Dan. 10:5) Kunis karaa jiraachuun Waaqayyoo bakka bu'insaan ibsamudha.

## GAAFFILEE MARII

Innis qajeelfama qorannoo waan tokkoo irratti yaada kennuu ta'ee kan wangeela hiikuuf ati gaafatamummaa dhuunfaa ofii ba'anidha. Tokkoon tokkoon keenya ifa qabnu keessa deddeebi'uu qabna. Isin/Ati, Macaafni Qulqulluu fi Afuurri Qulqulluu hiikuu keessatti warra jalqabaati. Warra yaada kennaiif jettees dhiisuu hin qabdu.

Gaaffileen marii kun kan kennameef, kutaa Macaafa kanaa keessaa qabxiilee Ijoo ta'an argachuuf akka si gargaaruufidha. Kana gochuunis mirkaneeffama isaa yaaduun malee murteessuuf miti.

1. Waldooleen durii haadholii hiyyeessaa gargaaruuf Namoota haala gaarii afuuraan guutaman maaliif filachaa turtee?
2. Guddina ariifachiisaa keessatti dhiphinni isaanii maal ture?
3. Kaayyoon harka wal irra kaa'uu maal ture?
4. Isxifaanoos maaliif ari'atamee ture?

# HOJII ERGAMOOTAA 7

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA’E

| YBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Dubbii Isxifaanos | Deebii Isxifaayos: Waamamuu Abarahaam | Lallabaa fi dhiphachuu Isxifaanos<br><br>(6:8-8:12) | Dubbii Isxifaanos | Dubbii Isxifaanos |
| 7:1-8 | 7:1-8 | | 7:1 | 7:1-8 |
| | | | 7:2-8 | |
| | Abboota isaanii Gibxii keessatti | 7:2b-8 | | |
| 7:9-16 | 7:9-16 | 7:9-16 | 7:9-16 | 7:9-16 |
| 7:17-22 | 7:17-36 | 7:17-22 | 7:17-22 | 7:17-22 |
| 7:23-29 | | 7:23-29 | 7:23-29 | 7:23-29 |
| 7:30-43 | | 7:30-34 | 7:30-34 | 7:30-34 |
| | Isiraa’elonni Waaqayyo irratti ka’uu isaanii | 7:35-43 | 7:35-38 | 7:35-43 |
| | 7:37-43 | | | |
| | Godoo Waaqayyoo isa dhugaa | | 7:39-43 | |
| 7:44-50 | 7:44-50 | 7:44-50 | 7:44-47 | 7:44-50 |
| | Israa’oloonni hafuura quqlullu dura dhaabachuu isaanii | | 7:48-50 | |
| 7:51-53 | 7:51-53 | 7:51-53 | 7:51-53 | 7:51-53 |
| Dhagaadhaan rukuramuu Isxifaanos | Isxifaanos isa Waaqayyoof jedhee aarsaa ta’e | | Dhagaadhaan rukutamuu Isxifaanos | Dhagaadhaan rukutamuu Isxifaanos, Saa’ol immoo akka nama amantoota ari’atuu ture. |
| 7:54-8:1 | 7:54-60 | 7:54-8:1 | 7:54-8:1 | 7:54-8:1 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A Guid to Good Bible Readin" fuula Vii irraa)**
***SADARKAA KEEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABA HORDOFUU***

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti. Kana jechuun namni tokko Macaafa Quqlulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoo tokkon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Quqlulluunii fi Hafuurri Quqlulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabaa qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnaa al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama qullummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan hiruun dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabaa hordofuudhaan furtuudha. Kun immoo giddu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyata gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffa

4. Kkf

**HIIKAA GALUMSAA**

A. Dubbiin Isxifaanos HoE 7 keessatti dubbate dubbii isa dheeraa Hojii Ergamootaa keessatti barreeffamedha. Phaawuloos walitti dhufeenya wangeelaa fi Kakuu Moofaa akka hubatuuf bu'uura kaa'e. yaada armaan gadii kaa'uudhaan himannaa isa irratti ka'e lamaan deebise.
   1. Waaqayyo mana qulqullummaa alatti dubbachuu isaa
   2. Waaqayyo Ormota waliin hojjechuu isaa
   3. Yihudoonni yeroo hundumaa ergaa Waaqayyoo karaa namootaa dhufu fudhachuu diduu isaanii fi amma immoo Masihicha fudhachuu diduu isaanii

B. Falmiin Isxifaanos laphee fi yaada amantii Saa'ol qabu irraa dhiibbaa ga'e.

C. Isxifaanos walitti fufiinsaan Yihudoonni Kakuu Waaqayyootiif amanamuu dadhabuu isaanii fi Waaqayyo lafa Kakuu alatti of mul'isuu isaa fi mana quqlullummaa Yerusaalem jiru alattis of mul'isuu isaa agarsiisa, kun immoo xiyyeeffannaa Waaqaffannaa Yihudoota jaarraa tokkoffaa ta'ee ture.

D. Yihudoonni walitti fufiinsaan namoota Waaqayyoof dubbatan fudhachuu didaa turan ammas irra deebi'anii fudhachuu didan. Isaan Yesuus nama Naazireet irrati ka'anii fudhachuus didan amma immoo dhugaa baatuu isaa Isxifaanosiin fudhachuu diduudhaaf jiru.

E. Isxifaanos gartuuma walfakkaataadhaa akkuma Yesuus Waaqayyoon arrabse jedhamee himatame. Yeroo dhagaadhaan rukutamaa turetti Isxifaanos dubbii baay'ee jechaa fi gocha Yesuus fannoo irratti raawwateen kan wal fakkatan dubbachaa ture. Kun meeshaa barreeffamaa Luqaas beekaa dhimma itti ba'e turee? Akkas fakkaata!

F. Ilaalchi Isxifaanos hariiroo Yihudootaa fi kiristiyaanota gidduu jiru irratti qabu sadarkaa ari'atamichaa kan lafa kaa'uudha (cf. 8:1-3) akkasumas gartuun lamaan booda gargar ba'uu isaanii (formuloota abaarsaa dh.k.b 10.

G. Dubbiin lallabni Isxifaanos Kakuu Moofaa afaan Ibiraa'isxiitiin barreeffama (Macaafa Qulqulluu afaan Giriikiin barreeffame irraa fudhate) irraa kan adda ta'an yaada gadi fagoo qaba. Beektoonni haasaa Isxifaanos mormuu qabu moo yookis akka seenaa Yihudootaatti dabalame ayyaamu moo addumatti akka dogoggora seenaatti kaa'u? Gaaffiin kun loogii miira ofii fi beekumsa ofii irraa ka'uudhaan warri Macaafa hiikan godhan agarsiisa. Akka ani amanutti Macaafni Qulqulluun seenaa dhugaadha. Kiristiyaanummaanis taateewwan Macaafa Qulqulluu (Uma. 1:11) fi dhumni Macaafa Qulqulluu (mul'ata Yohaannis) "seenaa dhugaa" miti! Akka gabaasa waan tokko gidduu galuutti dhugaa fi dogoggora kan hin qabne natti fakkaata. Knis yeroo tokko tokko.
1. garaagarummaa lakkoofsaa
2. garaagarummaa akaakuu
3. garaagarummaa gadi fageenya yaadaa
4. mala karaa barumsa amantii ittiin hiikan (fakkeenyaaf barreeffama lama ykn lamaa ol walitti dabaluu) ilaalcha keessa galchuudhaanidha.

Kun immoo seenaa dogoggora hin qabnee fi amanamummaa seenaa Macaafni Quqlulluun seennessuu mirkaneessuu koo irraan dhiibbaa hin ga'u. Isxifaanos wanta mana sagadaa keessatti baratee irra deebi'ee dubbataa ture ta'uud danda'a, yookiis kaayyoosaatiif akka ta'utti barreeffamicha fooyyeesseera ta'a yookiis immoo gadi fageenyaan yaadicha ibsuu irratti rakkateera ta'uu danda'a! yaada tokko yookiinlama irratti xiyyeeffachuudhaan ergaa isaa argachuu dadhabuun yaada seenaa jaarraa tokkoffaa utuu hin ta'in yaada seenaa bara keenyaa agarsiisa.

H. Toorii bu'uuraa Isxifaanos hariiroo Waaqayyoo Israa'elota wajjiniin qabu ittiin yaadachiise, boqonnaa 7 keessatti
1. abbootii isaanii lakk. 2-16
2. dinqii seera ba'uu fi lafa onaa lakk 17:43
3. godoo Waaqayyoo fi mana qulqullummaa lakk 44-50
4. guduunfaan Kakuu Moofaa isaaniin walqabachuu isaa, lakk. 51-53

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (FOOYYA'AA) 7:1-8**

**1Angafni lubootaa yommus "kun dhugumaan akkasii?" jedhee Isxifaanoosn gaafate. 2Isxifaanos immoo deebisee, "Obbolota nana, na dhaggeeffadhaa! Abarahaam abbana keenya karaan dhaqee utuu hin ta'in, utuma inni Mesophotaamiyaa jiruu. Waaqayyo ulfina gooftummaa isaatiin itti mul'atee.**
**3'Biyya kee keessaa, lammii kee keessaas ba'iitii, gara biyya ani si agarsiisuu dhaqi!' ittiin jedhe. 4Kana irratti biyya kaldootaa dhiisee, ba'ee biyya karaan taa'e. Erga abbaan isaa du'ee immoo Waaqayyo achii isa baasee, gara biyya isin amma keessa jiraataniitti isa dabarse. 5Waaqayyo yommuu Abarahaamiif lafa faana tokkittii illee dhuunfaa hin kennineef, GARUU, ABARAHAAM YEROO SANATTI DHALA YOO QABAACHUUDHAABAATE IYYUU, 'LAFA KANA SIIF, SI BOODDEES DHALA DHALA KEETIIF NAN KENNA" JEDHEE ABDACHIISE. 6Waaqayyo waa'ee kennaatiif Abrahaamiin, 'IJOOLLEEN IJOOLLEE KEETII BIYYA ORMAATTI GALA NI TA'U, ACHITTIS GARBUMMAATTI WAGGAA DHIBBA AFURIIF NI CUNQURFAMU. 7ANI IMMOO SABA WARRA ISAAN GARBUMMAATTI HOJJECHIIFATU SANATTI NAN FARDAA; KANA BOODDEES ISAAN BIYYA SANAA BA'ANII, IDDOO KANATTI ANAAF NI SAGADU' JEDHEE TURE. 8Waaqayyo yeroo sanatti milikkita walii galteetiif, kakuu dhagna qabaa Abrahaamiif kenne. Kanaafis *Abirahaam* ilma isaa Yisihaaqin, dhalatee guyya saddeettaffaatti dhagna qabe; Yisihaaqis ilma isaa Yaaqobiif, Yaaqoobis ilmaan isaa kudha lamaan, warra abboota saba sanaa ta'aniif akkasuma godhe.**

**7:1 “angafni lubootaa”** Kun Qayyaafaa ture 4:6 ilaali.

**7:2 “Isxifaanos immoo deebisee”** Falmiin Isxifaanos Macaafa Ibiraa’isxiidhaan barreeffameen baay’ee walfakkaataadha. Himannicha karaa lamaan deebise. (1) yeroo darbe keessa Yihudoonni Musee walitti fufiinsaan dhaga’uu diduu isaanii fi (2) Manni quqlullummaa karaa baay’ee ittiin Waaqayyo saba Israa’elitti dubbataa ture keessa isa tokko duwwaa ta’uu isaa. Kun himannaa 6:13 keessatti isa irratti ka’eef deebii kallattiiti.

▣ **“dhaggeeffadhaa”** Kun jecha Giriikii *akouō* jedhu irraa dhufe. Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii keessatti kadhannaa beekamaa amantii warra Yihudootaa, *shema*/ (cf. Keessa 6:4-5) jedhamu hiikuun gargaara. Macaafa Raajotaa keessatti “haa dhaga’an” (cf. Miik 1:2; 6:1) dubbii jedhu calaqqisiisudhaafis ni gargaara. Yihudonni kun yommuu waan Ibiraa’isxiin yaadan Afaan Giriikiitiin ibsas yaada kana fakkaatu jiru jechuun nama rakkisa, garuu yaada kana fakkaatan tokko tokko keessatti dhugaa ta’uu danda’a.

▣ **“Waaqayyo ulfina gooftummaa isaatiin”** Waaqni ulfinaa kun Abbaa isaanii Abirahaamitti mul’ate (cf. 12:1, 13:1,4; 17:1; 18:1; 22:1). Kun jalqaba Yihudootaati. Mata duree addaa 3:13 irraa ilaalu.

▣ **“Abraham”** Abrahaam akka abbaa Yihudootaatti ilaalama. Inni abbaa isaanii isa jalqabaati. Waamamuun isaa fi itti fufees adeemsi inni Waaqayyoo wajjin godhe seera uumamaa keessatti ibsameera, Uma. 12:1-25:11; Rom. 4 keessatti Phaawulos amantiidhaan waa mirkaneeffachuudhaan akka fakkeenyaatit isa ibse.

▣ **“karaan dhaqee utuu hin taa’in, utuma inni Mesophotaamiyaa jiruu”** Uma. 11:31 yeroo YHWH’n itti dubbate Abrahaam magaalaa Kaaraan keessa aka ture agarsiisa. Haa ta’u malee, yeroon Waaqayyo itti Abrahaamiin quunname adda ba’e hin ibsamne. Abrahaam nama biyya Uur ture (cf. Uma. 11:28,31), garuu booddee ajaja Waaqayyootiin gara Kaaraanitti socho’e (cf. Uma. 11:31,23; 29:4). Kunis Waaqayyo Abrahaamiitti lafa kana’aanii alatti Abarahaamitti dubbachuu isaati. Bara jireenya isaa keessa Abrahaam lafa kakuu sana keessaa waan tokko illee kan isaa hin taane (cf. lakk 5) (holqa maatii ofii itti awwalattu irraan kan hafe).

Jechi “Mesophotaamiyaa” jedhu gosa garaa garaa agarsiisuu danda’a: (1) ummata naannoo kaaba Tigrisii fi Eferaaxis (jechuunis, “Sooriyaa Ingoota sana gidduu”) ykn (2) ummata gargar laga Tigirisii fi Efraaxis.

**7:3 “biyya kee keessaa”** Lammii kee keessaas ba’iitii, gara biyya ani si agarsiisuu dhaqi” Kun Uma. 12:1 irraa waraabame. Dhimmi akka amantiitti asitti ka’u yoom akka Waaqayyo Abrahaamiin kana jedhedha: (1) yeroo inni utuu abbaa isaa Taaraa fi Looxiin gara Kaaraa hin fidin biyya Ur keessa turetti, ykn (2) yeroo inni Kaaraan turee Waaqayyoo hordofee gara kibbaatti gara Kana’aan dhaquudhaaf hamma abbaan isaa du’utti eegedhaa?

**7:4 “biyya Kaldootaa dhiise”** Kaldaan maqaa kutaa biyya qarqara Tigrisii fi Eferaaxisitti dhiyoo jirtuu ta’uu danda’a (7:2 ilaali). Booddees ummata naannoo kanatti guddatee Baabiloonis jedhamuu agarsiisuu jalqabe. Ummanni kun beektota baay’ee warra foormulaawwan herregaa sochii ifoota halkaniin walqabatan lafa kaa’un horeera (jechuunis) Pilaaneetota, urjoota, koomeetota fi kkf). Gartuun namoota beektota ta’anii (Astirolojistoota) kanneen kaldoota jedhamanii ni beekamu ture (cf. Dan. 2:2; 4:7; 5:7:11).

▣ **“Kaaraan”** Kaaraan magaalaa Taaraan, Looxii fi Abarahaam itti socho’an ture (cf. Uma. 11:31-32). Obboleessi Abrahaam kan biraanis achi buufate. Iddichis maqaa isaatti moggaafame (magaalaa Naahor, cf. Uma. 24:10; 27:43). Magaalonni Eferaaxis gara olii (lagallii, Balikaa jedhamu) irratti argamtu kun dh.k.D barkumee sadaffaa keessa hundooftee maqaan ishees hamma har’aatti jira. Baruun yoo barbaachise, obboleessi Abrahaam, Kaaraan yeroo Ibiraayisxiidhaan barreeffamu magaalichaa wajjin qubee walfakkaataadhaan hin barreeffamu.

▣ **“erga abbaan isaa du’ee”** Baay’een Uma. 11:26 fi 12:4 gidduutti yaada walfaalleessu arganiiru. Kanaafis yoo xinnaate furmaata lamatu jiru: (1) Abrahaam ilma angafa utuu hin ta’in hunda caalaa beekamaa ture (jalqaba irratti caqafame) ykn (2) umuriin Taaraan yeroo du’etti akka barreeffama Ibiraayisxii waggaa 205 utuu hin ta’in, waggaa 145 jedhamee ibsameera. Macaafa Galiisan 1 Arker, “*Enyclopedia of Bible Difficulties*” jedhu fuula 378 ilaali.

**7:5 " 'LAFA KANA SIIF, SI BOODDEES DHALA DHALA KEETIIF NAN KENNA' jedhee abdachiise"** Kun karaa biraa Uma 12:7 ykn 17:8 kan agarsiisudha. Akka barumsa amantitti furtuun Kakuu Waaqayyoo duwwaa utuu hin ta'in, amantii Abrahaam hortees lafas isaaf kennuu isaatiif Waaqayyo irratti qabudha. Amantiin kun Uma. 15:6 (cf. Rom 4) keessatti tuqameera.

**7:6** Raajiin kun Uma. 15:13,14 dubbatameera, Ba'u 3:12 keessattis irr deebi'amee mirkaneeffameera. Garuu, Ba'u 12:40 "waggaa 400" utuu hin ta'in "waggaa 430" qaba. Macaafni Qulqulluun hiikaan afaan Giriikii (LXX) ba'u 12:40 "Adeemsi ijoollee Israa'elis, yeroon isaan biyya Gibxii fi biyya Kana'aan keessa deddeebi'aa turan waggaa 430" jedhee hiika.

Barsiisonni amantii akka jedhanitti waggaan 400 kan jalqabu Uma. 22 keessatti arsaa dhiyeessuu Yisihaaqiinidha. John Kalvin waggaa 400 sana lakkoofsa dacha jedhee waama. Kun dhaloota tokkoo tokkoon isaanii waggaa 100 ta'an afur jechuu ta'uu danda'a (cf. Uma. 15:6).

**7:7 "SABA WARRA (SABA KAMIYYUU)"** kun Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii, Uma 15:14 irraa kan fudhatamedha. Kun waan namaa hin galle miti, garuu hima walii galaati. Sabichi warra Gibxii ta'uun isaa beekamaadha. Saboonni warri kaanis (Filisxeemota, Sooriyaa, Assyria, Baabiloon) warra Israa'eliin cunqursuu danda'anitti Waaqayyo ni fardaa.

▣ **"kana booddees"** Gaalee guutuun kun Ba'u 3:12 irraa kan waraabamedha. Isxifaanos seenaa Israa'elotaa ol kaasee dubbachuu isaati.

Barreeffamni kun Yerusaalemii fi Kana'aan addumatti iddoo addaa YHWHdhaaf akka ta'an dubbata. Kunis xiyyeeffannaa seera keessa deebiitin kan walsimudha.

▣ **"iddoo kanatti"** Akka galumsa waraabbii Ba'u 3:12 irraa fudhatameetti kun gaara Siinaa agarsiisa, kunis lafa kakuu sanaa ala kan ta'e fi iddoo jireenya saba Israa'el keessatti taatee guddaan itti raawwatedha. (Seerichi Muuseetti kennamuu isaa).

**7:8 "kakuu"** Mata duree addaa 2:47 irraa ilaali

▣ "dhagaa-qabaa" Kun Filisxeemota ummata Giriikii Eeji'aan jedhamn) irraan kan hafe olloonni Israa'el hundumtu kana raawwataa turan. Aadaa harka caalaa keessatti kun yeroo baay'ee sirna ittiin gara dhiira jedhamuutti darbanidha. Israa'elotaaf garuu akkas iti, isaaniif sirna ittiin saba kakuutti makamanidha. Kun mallattoo YHWH wajjin amantiidhaan hariiroo addaa qabaachuutti (cf. Uma. 17:9-14). Tokkoon tokkoon abbootii ilma ofii dhagna-qabaa turan (Maatii ofiitiif akka lubaa ta'uu jechuudha). Macaafni Robert Girdilistone "*Synonym of the Old Testament*" jedhamu, fuula 214 irratti akka jedhutti sirni dhagna qabaa sirna dhiiga dibuu dhagna qabuu wajjin walqabsiise. Dhiigni kakuu dhaabuu (cf. Uma 15:17). Kakuu cabsuu (cf. Uma. 2:17) fi Kakuu deebisuu (cf. Isa. 53) walqabataa ture.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYYA'AA) 7:9-10**
[9]**"Warri abboota gosaa TA'AN SUN, YOSEEFITTI, HINAAFANII GARA BIYYA GIBXIITTI ISA GURGURAN. WAAQAYYO *garuu* ISAA wajjin ture:** [10]**rakkina isaa hundumaa keessaa isa oolchee fuula Fara'oon mootii Gibxii durattis sin boodaa fi ogummaa kenneef, mootichi immoo bulchaa biyya Gibxii fi abboomaa qabeenya mana isaa hunumaa isa godhate.**

▣ **"ilmaan kudha lamaan, warra abboota saba sanaa ta'aniif"** Kun yeroo baay'ee Abrahaam, Yisihaaqii fi Yaa'iqoob agarsiisa, asitti garuu ijoollee Yaa'iqoob kudha lamaan warra gosoota Israa'el ta'uuf jiran agarsiisa.

**7:9 "Yoseef"** Barreeffamni kun Uma. 37:11,28; 45:4 keessatti argama. Isxifaanos Yihudoonnii fi geggeessitoonni isaanii yeroo baay'ee geggeessitoota Waaqayyoo warra filatamoo akka fudhachuu didan agarsiisuu yaala (Musee, lakk 35 keessatti)

**7:10** Barreeffamni kun Uma. 39:12; 41:40-45 keessatti argama.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYYA'AA) 7:11-16**
[11]**BARA SANATTI BIYYA GIBXII HUNDUMAA FI KANA'AAN irratti beellii fi rakkinni guddaan ni bu'e. Abboonni keenyaas waan nyaatan argachuu hin dandeenye.** [12]**Garuu Yaaqoob biyya Gibxii midhaan akka jiru dhaga'ee, yeroo jalqabaa abboota keenya erge.** [13]**Ala lammaffaatti garuu Yooseef obboloota isaatti of mul'ise, horteen Yoseef, Fara'oon mooticha duratti beekaman.** [14]**Kana booddee Yoseef itti ergee, Yaaqoobii fi firoota isaa warra hafna lububu torbaatamii shan waamsise.** [15]**Akkasitti Yaaqob biyya Gibxiitti gad bu'ee achitti ni du'e; obbolonni keenyas akkasumas achitti ni du'an.** [16]**Lafeewwan isaaniis sheekenitti geeffaman, achitti iddoo Abrahaam ijoolee Hamoor nama biyya sheekem irraa, meetiidhaan bitee turteetti ni awwaalaman.**

**7:11** Barreeffamni kun Uma. 41:54-55; 42:5 keessatti argama.

**7:12** Barreeffamni kun Uma. 42:4 keessatti argama.

**7:13** Barreeffamni Kun Uma. 45:1-4 irratti argama.

**7:14 "torbaataii shan"** Kun akka Macaafa Qulqulluu hiikaa Afaan Giriikii fi maraa barreeffama galaana soogiddaa duriitti, Barreeffamni "Masoretii" immoo "torbaatama" jedha (cf. Uma. 45:27; Ba'u 1:5). Kun jalqabatti rakkoo barreeffama durii LXX, isa Isxifaanos fudhatee fi barreeffama Ibiraayisxii ba'uu 1:5 gidduu jiruu fakkaata. Gadi fageenyaan yemmuu ilalaamu karaa lama kan ittiin hortee Yaaqoob lakkaa'an ta'uu danda'a. Uma. 46:26 fi 27 gidduu rakkoon jiru: (1) MT'n lakk 27 irratti Yoseef ilmaan lama qabaachuu isaa dubbata, akka LXX'tti immoo sagal, kana jechuunis booda irra Efireemii fi Minaaseen gidduu isaniitti dabalatan ijoollee qabu ture yookiis (2) Barreeffama Afaan Ibiraayisxii keessatti Yaaqoobii fi haadha maanaa isaa lakkaa'amaniiru, garuu dabalataan ijoolleen Minaasee fi Efireem hin lakkaa'amne. Barreeffama Giriikii (LXX) keessatti Yaaqoobii fi hadhi manaa isaa hin lakka'amne, ijoolleen Efireemii fi Minaasee lakkaa'amaniiru. Lamaanuu dogoggora hin qaban, garuu karaa adda addaatiin jireenya Yaaqoob yeroo garaa garaatti hortee isaa lakkaa'an. Barreeffamni Afaan Ibiraayisxii maraa laga sooggidaa jedhamuun beekamus Uma. 46:27 fi Ba'u 1:5 keessatti "torbaatamii shan" kaa'a. Filoon Aleksaandariyaa immoo lakkoofsa lamaaniin iyyuu beekamaadha.

Nuyi yommuu inni barreeffamoota ulfaataatti yookiis rakkoo lakkoofsaa kana fakkaatuttu dhufu beekumsa baraa irraa fayyadamoo taana. Maddi Macaafa Qulqulluu kan biraan barreeffamoota ulfaatoo kanatti xiyyeeffate har'a jira. Anis kana nan deggera:

1. *"Hard Syings of the Bible"* IVP
2. *"More hard sayings of the Bible"* IVP
3. *"Encyclopedia of Bible difficulties"* Gliisan Arkerin.

**7:15** Barreeffamni kun Uma. 45:5; 49:33; Ba'u 1:6 irratti argama.

**7:16 "sheekemitti"** Seera uumamaa keessaa (1) awwaalamuu Yoseef Iyasu. 24:32 keessatti barreeffamee fi (2) awwaalamu Yaaqoob Uma. 50:13 kessatti barreeffame, irraa akka hubatamutti dubbii Isxifaanoos keessa hanqinni jira. Rakkichis (1) Magaalittiin, sheekem utuu hin ta'in kebron ta'uu qabdi, ykn (2) Abbichi Abrahaam utuu hin ta'in Yaaqoob ta'uu qaba. Garuu, Abrahaamii fi Yaaqoob lamaan isaanii iyyuu meetii akka madaala 400tiinlafa bitaniiru (cf. Uma. 23:16; 33:19) Abrahaamii fi Saaraan (cf. Uma. 23:19; 24:9). Akkumas Yisaaqiif Ribqaa (cf. Uma. 49:29-31) akkasumas Yaaqoob (cf. Uma. 50:13) Kebroonitti awwaalaman waa'ee iddoo awwaala sheekem wanti sirriitti beekamu yoo jiraachuudhaan baate illee, Abrahaam duraan yeroo achi buufatee ture Uma. 12:6-7 keessatti lafa bituun isaa Uma. 33:19; Iyas 23:32). Kun tilmaama ta'uun isaa beekamaadha, garuu Isxifaanos nama seenaa Kakuu Moofaa sirriitti beeku fakkaata, kunis karaa ittiin yaada garaa garaa araarsan isa kophaadha.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYYA'AA) 7:17-29**

**[17]"Yeroon abdii Waaqayyo Abrahaamiif kenne dhii'aachaa adeemnaan, sabni keenya biyya Gibxiitti guddatee, lakkoofsaaniis baay'atee ture. [18]KUN IMMOO HAMMA MOOTIIN YOSEEFIIN HIN BEEKNE HAARAN TOKKO KA'EE, BIYYA GIBXIITTI MO'ETTI TA'E. [19]Inni sanyii keenya haxxummaadhaan qabee, daa'imoonni isaaniis akka hin jiraanneef, bakkeetti akka gatan abboota keenya rakkise. [20]Bara sanatti Museen dhalate. Inni mucaa Waaqayyo itti gammadu ture; hamma ji'a sadiittis mana abbaa isaa keessatti ni eegama ture. [21]Yeroo bakkeetti baafametti immoo intalli Fara'oon isa fudhattee, ak ailma isheetti isa guddifte. [22]Museen ogummaa warra Gibxii hundumaa barsiifame: ofii isaattiis dubbiitti hojiittis nama danda'aa ta'a. [23]"Nama waggaa afuurtamaa yommuu ta'e. Akka obboloonni isaa namoonni Israa'el itti jiraatan ilaaluudhaaf, yaadni garaa isaa keessaa ka'e. [24]Yeroo sanatti namni tokko, harka namicha Gbxiitti utuu miidhamuu argee, isa miidhame sana namicha harkaa baasuudhaaf gara isaa goree, namicha Gibxii sana rukutee ajjeesse. [25]Innoo, Waaqayyo harka isaatiin furii akka isaaniif kennu, obboloonni isaa waan isa hubatan se'ee ture, isaan garuu hin hubanne. [26]Borumtaas utuu isaan walii isaanii wal qoccolanii, Museen itti dhufee. 'jara nana isinoo obbolootaa maaliif walitti darbitu" jechuudhaan isaan araarsuu barbaade. [27]NAMICHI INNI HIRIYAA ISAATTI DARBE SUN GARUU, OF IRRAA ACHI ISA DARBATEE, 'NU IRRATTI IMMOO EENYUTU SEERRATUUDHAA FI ABBAA FIRDII SI GODHE? [28]AKKA KALEESSA NAMICHA GIBXII SANA RUKUTTEE AJJEEFTE, AMMAS AJJEESUU KAJEELTEE?" ITTIIN JEDHE. [29]Dubbii kana irratti Museen baqatee, BIYYA MIIDIYAANITTI GALA TA'EE JIRAATE; achittis ilmaan lama ni godhata.**

**7:17** Kun uumama 15:12-16 kan agarsiisu ta'uu danda'a (kakuu sana) akkasumas Ba'u 1:7 (baay'ina isaanii)

**7:18 "hamma mootiin Yoseefiin hin beekne haaraan tokko ka'e"** kun Ba'u 1:8 irraa kan fudhatamedha. Waa'ee yeroo seera ba'uu irratti beektoota gidduutti mormii kana booddee illee itti fufuu danda'utu ture. Eenyummaan mootii Gibxii kanaa mormisiisaadha. Akka mootii Gibxii daayinaastii XVIIItti isa ilaaluun ni danda'ama (1445 Dh.K.D) ykn daayinaastii XIX irraa mootii dhufeetti (1290 Dh.K.D). Yaadirimeen jiru tokko mootii Gibxii kana daayinaastii warra Gibxii isa jalqabaa isa mootummaa warra Hiiksos (seem) warra Gibxii bulchaa turan aangoo irraa buuseen wal qabsiisuudha. Kun faayidaa "*heteros*" hidhaa 18ffaa, ibsuu danda'a. Warri biyya Gibxii warra seem hin jedhan, akkasumas warra Ibrootaas weerara biraa kan akka warra Hiiksos waan sodaaataniif bulchiinsa isaanii keessatti baay'achuu isaani hin barbaadan.

**MATA DUREE ADDAA: FALMII WAA'EE YEROO SEERA BA'UU IRRATTI JIRU**

Yeroo seera ba'uu irratti yaada beektoota lamatu ture.

A. Isa 1Mototа 6:1 irraa "Israa'eloonni biyya Gibxiitii ba'anii waggaa dhibba afurii fi saddeettamaffaatti… Solomon mootichi Waaqayyoof mana qulqullummaa ijaaruu ni jalqabe" jedhu.
   1. Mootummaan Solomoon Dh.K.D bara 970 keessa jalqabe. Kunis waraana *Qarqar* (853 dh.k.d) akka ka'umsaatti fayyadamuun lafa kaa'ama.
   2. Manni quqlullummaa sun waggaa arfaffaa isaatti ijaarame (dh.k.d 965). Kanaaf Ba'uun dh.k.d naannoo 1445 raawwate.
   3. Kunis Daayinaastii warra Gibxii 18[ffaa] keessa ta'uu isaati.
      a. Fara'oon inni cunqursaa ture *Tatmose III* (1490-1436, Dh.K.D) ta'uu danda'a.
      b. Fara'oon inni yeroo sabni Israa'el ba'anii *Amenhotep II* (dh.k.d 1463-1407) ta'uu danda'a.
         (1) Namoonni tokko tokko yeroo mootummaa *Amenhotep III* (1413-1377, dh.k.d) keessa Yeerikoo fi Gibxii gidduutti wal-quunnamtiin sayasaa waan hin turreef, ragaa Yeerikoo irraa argameti ni amanu.
         (2) Barreeffamoonni "Amarna" waa'ee warri "*Habiru*" lafa kana'aan bara mootummaa

*Amenhotep III* keessa weeraruu isaanii irratti waliigaltee/walquunnamtii siyaasaa barreessaniiru. Kanaaf, Ba'uun Israa'eelotaa bara mootummaa *Amenhtep II* keessa raawwate.

(3) Yeroon sabni Israa'el itti Gibxii ba'an jaarraa 13ffaa keessa taanana barri abboota firdii baay'ee gabaabata.

4. Rakkoon yeroowwan kanaan wal qabatee jiraachuu danda'u.
   a. Macaafni Qulqulluun hiikaa afaan Giriikii (septungint) (LXX) waggaa 480 utuu hin t'ain waggaa 440 kaa'a.
   b. Waggaan 480 dhaloota kudha lama tokkoo tokkoon isaanii waggaa afurtama ta'an kan bakka bu'u ta'uu danda'a (kanaaf, lakkoofsa fakkiiduuti)
   c. Luboonni Aaronii hanga Solomoonitti jiran dhaloota kudha lama (cf. 1Seenaa baraa 6), Solomoonii hanga mana qulqullummaa isa lammaffaatti immoo kudha lama. Yihudoonni akkuma Giriikotaa dhaloota tokko akka waggaa afurtamaatti fudhatu. Kanaaf duubaa fi fulduratti waggoota, cf. kitaaba Bimson "*Redating the Exodus and Conquest*).
5. Barreeffamoonni guyyoota caqasan kan biraan sadii jiru
   a. Uumama 15:13,16 (cf. HoE 7:6), garbummaa waggaa 400.
   b. Ba'u 12:40-41 (cf. Gal. 3:17)
      1. MT 12:40-41 (cf. Gal. 3:17)
      2. LXX waggaa 215 Gibxii keessa galaatti jiraatan.
   c. Abboota firdii 11:26 bara yiftaa fi bara itti bitaman gidduu waggoota 300tu jira (bara 1445 agarsiisa).
   d. HoE 13:19 Gibxii ba'uu, joormaan, fi bitamuu isaanii waggoota 450
6. Barreessaan Macaafa Mootota wabii seenaa adda ta'e fayyadame, lakkoofsotas ni dachaafne (kitaaba Edwin Thiele, "*A Chronology of the Hebrew Kings*, fuula 38-85).

B. Ragaan aarki'ooloojii amansiisaa hin taane dh.k.d bara 1290 waan agarsiisu fakkaata, yookiis Daayinaastii warra Gibxii isa kudha salgaffaa.
   1. Yoseef yeroo walfakkaataa keessa abbaa isaa fi Fara'ooniin quunnamuu danda'era. Fara'oon inni nama biyya Gibxii ta'e inni jalqabaa, inni teessoo mootummaa Gibxii Teebesii gara galoo galaanaa Niyilitti deebise, iddoon kun *Araris/Zoan Tanis* jedhama, kunis teessoo mootummaa warra Hiiksos isa durii ture; Seti I (dh.k.d 1309-1290) ture. Innis Fara'oon Israa'elota cunqursaa ture ta'uu danda'a.
      a. Kun odeeffannoo lama waa'ee mootummaa warra Hiksos Gibxii keessatti wajjin waan walsimu fakkaata.
         (1) Bara Rameses II keessa utubaan dhagaa yaadannoo argannoo magaalaa Avarisiin waggaa dhibba afur duraatiin dh.k.d 1700, Hiiksoso taan) walqabatee dhaabate argameera.
         (2) Raajiin Uma. 15:13 irra jiru garbummaa waggaa 400 dubbata.
      b. Kun gara angootti dhufuun Yooseef bara Fara'oon warra Hiiksos (seem) keessa ta'uu isaa agarsiisa. Mootiin warra Gibxii haaraan Ba'u 1:8 keessatti caqafameera.
   2. Warri Hiiksos, akka afaan warra Gibxiitti "bulchitoota biyya ormaa" jechuu kan ta'an warra bulchitoota biyya Gibxii hin ta'in warra seem kan ta'an yeroo daayinaastii 15ffaa fi 16ffaa keessa (dh.k.d 1720-1570) biyya Gibxii bulchaa turanidha. Namoonni tokko tokko gara aangootti dhufuu Yoseefii wajjin wal isaan qabsiisuu barbaadu. Waggoota 430 ba'u 12:40 keessa jiru dh.k.d 1720 irraa yoo hir'isne naannoo baa dh.k.d 1290 arganna.
   3. Ilmi Set I Ramsees II (dh.k.d 1290-1244) ture. Maqaan kun mandaroota gombisaa mdihaanii Israa'elotaan ijaaraman keessaa akka isa tokkootti caqafameera, Ba'u 1:11. Akkasumas bulchiinsi walfakkaataan Gibxii naannoo Goshemitti argamu kun Raamses jedhamee ni waamama, Uma. 47:11 Dh.K.D 1300-1100tti *Avaris/zoan/ Tanis* "Mana Raamases" jedhamee beekama ture.
   4. Akkuma Raamases II, Tatmoses III'nis ijaaraa guddicha jedhamee beekama ture.

5. Raamases II'n ijoollee durbaa afurtamii torba iddoo garaa garaa jiraatan qaba ture.
6. Arki'oolojiin akka agarsiisuutti magaalonni Kana'aan dallaa gurguddaa qaban (Hazoor, Debir, Lachish) baay'een isaanii diigamanii hatattamaan nananoo dh.k.d 1250tti deebifamanii ijaaraman. Adeemsa lafa onaa waggaa soddomii saddeetii agarsiisuuf, kun dh.k.d 1290'n wal sima.
7. Ark'ooloojiin kiba Kana'aan turuu saba Israa'eliif Hidaa dhagaa yaadannoo dhaalaa Raamases, *Marneptah* (dh.k.d 1224-1214, cf. Siidaa Merneptah, kan bara dh.k.d 1220) irraa wabii argateera.
8. Dh.k.D 1300 gara dhumaatti Edoomii fi Mo'aab eenyummaa akka sabaatti cimaa ta'e argatanii turan. Biyyoonni kun jaarraa kudha shanaffaa keessa walitti hinqabamne ture (Glueck)
9. Kitaabni Joon J. Bimsoniin barreeffame, "Universiitii sheffildiin maxxanfame kan "*Redating the Exodus and conquest*" jedhamu ragaalee arki'ooloojii waa'ee bara durii irratti jiran hundumaan ni morma.

**7:19** Barreeffamni kun Ba'u 1:10 keessatti argama.

**7:20 "Museen dhalate"** Barreeffamni kun Ba'u 2 keessatti argama.

▣ **"Inni mucaa Waaqayyo itti gammadu ture"** Kun jechama afaan Ibiraayisxii bareedina agarsiisudha (cf. Ba'u. 2:2) Josefas illee bareedina Musee irratti yaada kenneera (cf. *Antiq* 2:9:6).

**7:21** Barreeffamni kun Ba'u 2:5-6,10 keessatti argama.

▣ **"yeroo bakkeetti baafametti"** Kun jecha Giriikii *ektithēmi* jedha, kan hiikaan isaa "ifatti baasuu" (cf. lakk. 19) yookiis "ala kaa'uu" ta'edha. Warri Gibxii baay'ina isanai to'achuuf jecha Israa'eelonni ilmaan dhiiraa isanai akka gatanii bineensa bakkeetiif dhiisan isaan dinqisiisan.

▣

**NASB,NKJV "intalli Fara'oon isa fudhatte"**
**NRSV,NJB "intalli Fara'oon isa guddifatte"**
**TEV "intalli mootii isa guddifatte"**

Hiikni kallattii jecha *anaireō* jedhuu "ol fuudhuu" jechuudha. Salphaamatti Museen bishaan keessaa "ol fuudhamee" kanaanis ilma intala mootii jedhamee guddate.

**7:22** Fara'oon keessa jira jedhamu hundumaa fudhatee ture.

▣ **"dubbiitti hojiittis nama danda'uu ture"** Kun Museen gaafa Waaqayyo (YHWH) huuxxii qoraattii keessaan itti mul'ate sirriitti haasa'uu akka hin dandeenye dubbatee waan tureef guduunfaa jireenya isaa gara dhumaa ta'uu qaba (cf. Ba'u 4:10-17).

**7:23-24** Barreeffamni kun Ba'u 2:11-12 irratti argama.

**7:23 "nama waggaa afurtamaa yommuu ta'e"** Akkan yaadutti jireenyi Musee afurtama afurtamaan iddoo sadiitti hiramuu akka danda'u kan dubbate D.L Muudiidha; (1) waggaa afurtama duraatti inni nama iddoo qabu ture (Masaraa Fara'oonitti nama barate); (2) waggaa afurtama isa lammaffaatti inna akka nama homaattuu hin gallee ta'e (Biyya Miidiyaanitti baqatee karaa fi baadiyyaa gammoojii Siinaa barate); fi (3) waggaa afurtama isa sadaffaatti immoo waan Waaqayyo nama homaattuu hin galleon hojjechuu danda'u arge (saba Waaqayyoo gara lafa kakuutti geggeesse).

**7:25** lakkoofsi kun tilmaana Isxifaanosi (afoola Yihudootaa ta'uu danda'a); seera ba'uu keessatti hin caqafamne.

**7:26-29** Barreeffamni kun Ba'u 2:13-14 keessatti argama.

**7:29 "dubbii kana irratti Museen baqatee"** Barreeffamni kun ba'u 2:15,22 keessatti argama. Nama biyya Gibxii ajjeesuu isaa sodaaachuun Musee Fara'oon ilma intaloota isaa keessaa ishee tokkoo ta'ee guddachuu isaa akka hin deggerre agarsiisa. Yoo akkas ta'e Ibi. 11:27 ifa ta'a!

▣ **"biyya Miidiyaanitti gala ta'ee jiraate"** Waaqayyo huxxii qoraatti ba'u keessaan biyya Miidiyaanitti Museetti mul'ate (cf. Ba'u 3-4) Seera isaas siinaa, biyya Miidiyaan keessatti isatti mul'ise (cf. Ba'u 19-20), kunis Waaqayyo <u>iddoo</u> itti of mul'iseetti akka hin daangeeffamne agarsiisa. Xiyyeeffannaa wal-fakkaataan Waaqayyo mana qulqullummaa Yerusaalemii natti of mul'isuu isaa agarsiisu kun HoE 7:36, 44, 48 fi 53 keessattis ni argama.

▣ **"ilmaan lama ni godhate"** Barreeffamni kun Ba'u 18:3-4 keessatti argama.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 7:30-34**

**[30]"Waggaa afurtama booddee kunoo, lafa onaa gaara Siinaatti, huuxxii qoraattii akka abiddaa boba'u tokko keessatti, ergamaan Waaqayyo Museetti ni mul'ate. [31]Museen yommuu isa arge mul'ata kana dinqifatee, ilalauufis itti dhi'aatee, sagalee gooftaa dhaga'e. [32]'Waaqayyo ana! Kana abboota keetii, Waaqayyo isa kana Abrahaam, kan Yisihaaq, kan Yaaboobis' ittiin jedhe. Museen ni rom'e, gara isaa ilalauufis ija hin jabaanne. [33]Gooftichi yommus, 'Iddoon ati dhaabate kun lafa quqlullaa'aa waan ta'eef, kophee miilla keetii baasi! [34]Ani miidhama saba koo warra Gibxii jiranii argeera, aadnaa isaanii dhaga'eera, isaan furuudhaafis gad bu'eera; ammas kottu gara Gibxitti sin erga' ittiinjedhe.**

**7:30** Barreeffamni kun Ba'u, boqonnaa 3 fi keessatti argama.

▣ **"ergamaan Waaqayyoo"** Barreeffama Kakuu Moofaa keessatti ergamaa Waaqayyoo inni jedhamu kun Waaqayyo (YHWH)dha. Barreeffama 5:19 irra jiru ilaali. Ergamaan kun akkamitti akka ibsame hubahdu.

1. Ba'u 3:2 "Achitti ergamana Waaqayyoo irraba ibiddaa… keessatti Museetti mul'ate.
2. Ba'u 3:4, "Waaqayyo gooftaan immoo Museen kana iaaluudhaaf akka itti gore argee"
3. Ba'u 3:4, "Waaqayyo gooftaan (Elohim)… "Musee! Musee!" jedhee waame"

▣ **"gaara Siinaa"** Mata duree addaa armaan gadii ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: IDDOO ITTI ARGAMA GAARA SIINAA**

A. "adeemsa guyyaa sadii" Inni Museen Fara'ooniin ayyaama gaafatu tilmaa utuu hin ta'in dubbii qabatamaa yoo ta'e (3:18; 5:3; 8;27). Kun kibba qarqara galaanaa isaa Siinaa jiru ga'uudhaaf yeroo isaan ga'u miti. Kanaaf beektonni tokko tokko gaaricha Adaalqajii Qaadesh-Barne'aa birra jedhanii yaadu.
B. Iddoon durii "Jebel Musa" jedhamu, lafa onaa Siinaa keessatti argamu, seenaa baay'ee qaba
   1. Lafa diriiraa bal'a gaaricha fuuldura jira
   2. Keessa deebiin 1:2 akka jedhutti gaara Siinaatii hanga Qaadesh-Barne'aatti guyyaa kudha tokko namatti fudhata.
   3. Jechi "siinaa" jedhu jecha Ibiraayisxii miti. Kunis huxxii qoraatii gammoojii xiqqoo wajjin wal-qabachuu danda'a. Maqaan Ibiraayisxii gaarichaa "Horeb" (lafa onaa) jedhama.

4. Gaarri Siinaa dhaloota Kiristoos duraa jaarraa arfaffaa kaasee iddoo seena qabeessa ture. Inis "biyya warra Miidiyaan" keessa ture, Lafa naannoo galaanaa Siinaa fi Arabiyaas of keessatti qabata.
5. Arki'ooloojiin iddoo itti argama magaalota seera Ba'u keessatti caqafamanii (*Eliim, Dophkah, Refiidiim*) dhiha lafa naannoo galaanaa Siinaatti argamuu isaanii waan mirkaeessu fakkaata.

C. Warri Yihudootaa iddoo itti argama gaara Siinaatti dhimma hin qaban. Isaan Waaqayyo Uma. 15:12-21 kaasee seericha kenneefii Kakuu isaas raawwate jedhanii amanu. "eessa" inni jedhu dhimma isaanii hin turre, iddoo kanatti waggaatti godhamu hin jiru(.
D. Hanga kitaaba "*Pilgrimage of silvia*" jedhamudha. K.D 385-8tti barreeffameetti iddoon itti argama gaara Siinaa hin beekamne (cf. F.F Bruse, "*Commentary on the Book of Acts*" fuula 151).
E. Iddoo haaraa galoo galaanaa Aqaba arabiyaa keessa jiru irrati iddoo itti argamu gaarichaa ta'uu isaatiif tilmaama baay'eetu jira kan jedhamus
1. Biyyi midiyaan adumatti Ababiyaa keessa ta'uu isaa
2. Gal. 4:25 keessatti Phaawuloos Arabiyaa keessa ta'uu isaa dubbachuu isaa
3. Kaartaan Saatalaayitiidhaan kaafame karaa bara durii Gibxii irraa lafa naannoo galaanaa Siinaa keessa darbee dhagaa keessa galoo galaanaa Aqabaa qaxxaamuru agarsiisu isaa.
4. Iddoon olka'aan naannoo kanaa gubbaan isaa aaraan uwwifamuu isaa (cf. Ba'u 19:16,18)

Nu'i Iddoo itti argama isaa akka hin beekne irra deebi'amee ibsamuu qaba!

**7:32** Barreeffamni kun Ba'u 3:6 irratti argama

▣ **"abboota"** Barreeffama Ibiraayisxii fi Hiikaa afaan Giriikii (septuangist) lamaanuu keessatti jechi kun qenxee agarsiisa. Iddoo kaan hundumatti garuu danuu agarsiisa. Waaqayyo abbaa Musee isa garba ture beeka ture.

**7:33** Barreeffamni kun Ba'u 3:5 keessa jira. Museen gara huuxxii qoratii sanaatti yaada amantiin utuu hin ta'in waan ta'e baruudhaaf ture.

Kophee isaa baasiin maaliif akka barbaachise siritti wanti beekamu hin jiru
1. Kophee isaa xurii ta'uu danda'a (dhoqqee bineeldotaa)
2. Kophee baasuun mallattoo walitti dhiheenyaa yookiis wal beekkinsaa (manatti) ta'uu danda'a.
3. Aadaa abboota isaanii yookiis sirna amantii warra Gibxii ta'uu danda'a.

**7:34** Yaadni kun Ba'u 3:7 keessatti argama. Akka ani yaadutti sabiin lakkoofsi kun akka amantiitti baay'ee murteessaa ta'eef: Waaqayyo kadhannaa isaanii dhaga'ee, rakkina isaaniis argee isaaniif deebise. Inni isaan oolchuudhaaf gadi bu'e, garuu kan inni nama oolchuu namatti dhimma ba'ee akka ta'e hubadhu. Waaqayyo Musee isa mamiin guutame erge. Waaqayyo karaa namaa, namaa wajjinhojjechuu barbaade/filate!

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 7:35-43**

**[35]Museen kun, isuma isaan gananii, "eenyutu seerrattuudhaafi abbaa firdii si godhee?" ittiin jedhaniidha; Waaqayyo harka ergamaa isaa isa huxicha qorattii keessatti itti mul'ateetiin, akka seerrattuutti, furuttis isa ergeera. [36]Inni kun biyya Gibxiitti isaan baase. Gibxiidhaa yeroo baasetti, galaana Ertiraatti, waggaa afurtama yeroo lafa duwwaa keessa isaan geggeessettis dinqiidhaafi milikkita godhe. [37]Museen inni namoota Israa'eliin, "WAAQAYYO ANAAN AKKUMA KAASE, OBBOLOOTA KEESSAN KEESSAA RAAJII TOKKO ISINIIF NI KAASA" jedhe isuma kana. [38]Ergamaa Waaqayyoo isa gara Siinaa irratti isatti dubbate sanaaf, abboota keenya warra lafa duwwaatti walitti qabaman gidduu kan dhaabate, isuma kana: isumatus dubbii jiraataa nutti kennuudhaaf fudhate. [39]"Abboonni keenya garuu Museef abboomamuu hin jaallanne, of irraa isa darbatanii yaadaan gara Gibxitti deebi'an. [40]ISAAN YOMMUS AARONIIN, 'KA'II, WAAAYYOOLII DURA-BUUTUU NUUF TA'ANNUUF TOLCHI! MUSEEN INNI BIYYA GIBXIITTII NU BAASE SILAA, WAAN INNI TA'E HIN BEKNU' JEDHAN. [41]Isaan yeroo sanatti waan akka jabbii tolchanii, Waaqayyicha tolfame**

**sanaafis aarsaa dhi'eessani; ulfina hojii harka isaanii kanas ni ayyaaneffatan. [42]Waaqayyo garuu isaan irraa gara galee, urjoota Waaqa keessatti akka sagadaniif dabarsee isaan kenne. Macaafa Raajotaa keessatti akkuma caafame, "YAA NAMOOTA ISRAA'EL. WAGGAA AFURTAMA LAFA DUWWAA SANA KEESSATTI HORII QALMAA FI AARSAA ANAAF DHIHEESSITANIITTU MOO REE?" [43]ISINOO GODOO MOLOK ISA UFFATA IRRAA HOJJETAMEE FI BIFA URJII WAAQICHAA:- REEFAAN JEDHAMU BAATTAN; ISIN ISAANIIF SAGADUUDHAAF WAAQAYYOOLII TOLFAMAN HOJJETATTAN; ANIS IMMOO ISIN BAASEE, BIYYA BAABILOONIRRA FAGAATUTTI ISIN NAN DABARSA' JEDHE.**

**7:35 "Museen kun isuma isaan gananii"** Sabni Waaqayyoo walitti fufiinsaan namoota Waaqayyoof dubbatan irratti ka'aa turan (lakk 51:52). Kun kaayyoo lakk 27 iyyuu ta'uu danda'a.

▣ **"Waaqayyo harka ergamaa isaa isa huxicha qaraattii keessatti itti mul'ateetiin"** Ammas Waaqayyo lafa kakuu alatti gara Israa'eelotaa dhufe. Hojiin Waaqayyoo iddoo kamitti iyyuu hin daangeeffamne. Seenaan Israa'elotaa baay'een isaa Kana'aan alaa fi utuu manni quqlullummaa Yerusaaleem hin ijaaramin raawwatame. Geggeessitoonni Waaqayyoo seenaa saba Israa'el keessa turan hundumtuu namoota isaanii wajjin turaniin ari'atamaniiru (cf. lakk 9:27-28,35,39). Kun gocha irra deddeebi'amee mul'atedha.

Ergamaan kun akka Waaqaatti ibsame (cf. Ba'u 3:2,4). Haala qabatamaan mul'achuun Waaqayyoo kun Uma. 16;7-13; 22:11-15; 31:11,13; 48:15-16; Ba'u. 13:21; 14:19; Abboota firdii 2:1; 6:22-23; 13:3-22; Zak. 3:1-2 keessatti ni argama. Haa ta'u malee "Ergamaan Waaqayyoo" yeroo hundumaa qabatamaatti of mul'isuu Waaqayyoo akka hin taane; yeroo tokko tokko ergamaa akka ta'e, kan ergaa baatu akka ta'e isamuu qaba (cf Uma. 24:7,40; Ba'u 23:20-23; 32:34. Lakk. 22:22; 2Sam 24:16; Yoh. 5:23; 1Qor. 21:15ff; Zak. 1:11:12-13).

**7:36** Kun guduunfaa humna Waaqayyoo isa dinqisiisaa (Gartuu Musee) karaa Musee fi Aaron mul'ateeti.

**7:37-38** Kun raajii waa'ee msihichaa dubbatame irraa kan fudhatamedha. Keessa deebii 18:15. Isxifaanoos yeroo bu'uu saba Israa'eelii fi adeemsaa lafa onaa akka ergamaa Waaqayyoottii fi akka isa aadaatti Musee boodaan dhufuu itti (Masihicha, raajicha) jiraachuu Waaqayyoo dubbataa jira. Isxifaanos Musee tuffachaa hin turre, garuu dhugaatti Musee dhaggeeffachaa ture!

**7:38** "warra lafa duwwaatti walitti qabaman" Kun jecha Giriikii *ekklesia* jedhudha, garuu akka waldaatti utuu hin ta'in akka walitti qabamaatti garaare.

▣ **"ergamaa Waaqayyoo isa gaara Siinaa irratti isati dubbatte"** Barumsi amantii akka dubatutti ergamoonni Waaqayyoo fi Seera kennuu (yaada 7:53 irra jiru ilaali), gidduu warra deeddeebi'anidha. Ergamaan Waaqayyoo Waaqayyuma mataa isaa iyyuu agarsiisuu danda'a (cf. Ba'u. 3:21; 14:19 wajjin wal-bira qabamee, akkasumas Ba'u 32:34; Seen. Lakkoofsa 20:16; Abboota Firdii 2;1).

**7:39 "abboonni keenya garuu Museef abboomamuu hin jaalanne"** Isxifaanos mormiiwwan Kakuu Moofaa wal-qabiisaa jira. Yaadni isaa Yihudoonni yero hundumaa geggeessitoota Waaqayyoo simataa akka hin turree fi amma immoo masihicha akka hinsimanne agarsiisa.

▣ **"of irraa isa darbatanii"** Yaadni kun Seera Lakk. 14:3-4 keessatti argama.

**7:40-41** Yaadni kun Ba'u 32 keessatti argama. Kun Waaqa tolfamaa utuu hin ta'in bifa Waaqayyoo hojjechuu isaaniiti. Booddees gara Waaqeeffannaatti jijjiirame.

**7:41** Isxifaanos bifa warqee sana akka Waaqa tolfamaatti ibsa, taatee seenaa kanas yaada Amos 5 irraa fudhatame ittiin jalqabuudhaaf dhimma itti ba'e, kunis Israa'el yeroo biyya Gibxii ba'anii fi lafa onaa keessa adeeman sana iyyuu Waaqa tolfamaa Waaqessaa akka turanii fi mormiidhaan kan guutan akka ta'an kan agarsiisudha.

**7:42 “Waaqayyo garuu isaan irraa garagaalee… dabarsee isaan kenne”** Lakkofsi 42 fi 43 Amos 5:25-27 irraa kan fudhatamedha. Asitti Amos Israa’elonni yeroo hundumaa Waaqolii ormaatiif aarsaa aka dhiheessaa turan dubbata. Kun seenaa isaanii yeroo hundumaa fi duraan turedha (cf. Iyyaasuu 24:20). Kun dubbii cimaa Rom 1:24,26,28 keessatti Waaqayyoondhiisuu agarsiisu kan nama yaadachiisudha.

▣ **“urjoota Waaqa keessaa”** Kun urjootatti Waaqessuu warra Sooriyaa fi Baabiloon kan agarsiisudha (cf. Kass. Deebii 17:3; 2Qor 33:3,5; Erm. 8:2; 19:13). Barreeffama Ibiraayisxii Isxifaanoos gidduu rakkoo yaadaa baay’eetu jira (1) maqaa Waaqa tolfamaa arjii. MT’n afaan warra Sooriyaatiin maqaa pilaneetii Satarnii, *Kywn* ykn *Kaiwann* ka’aa. LXX’n maqaa Waaqa tolfamaa pilaaneetii Saturnii jedhamuu warra Gibxii, *rypn* ykn *raiphan* kan *repa* ta’uu danda’u kaa’a fi (2) Barreeffamni Ibiraayisxii (MT) fi Barreeffamni Giriikii (LXX) “Damaasqoo irra fagaatu” jedhanii kaa’u, waraabbiin Isxifaanos garuu “Baabiloon irra fagaatu” jedhee kaa’a. Barreeffamni Amos dubbisicha qabu kan beekamu hin jiru. Isxifaanos boojuu Sooriyaa isa Amos dubbatuu fi boojuu Baabiloon walqabsiisuu ta’uu danda’a, garuu iddoo boojuu waljijjiiruudhaan.

Urjootatti waaqessuun Mosopotamiyaatti jalqabamee Sooriyaa fi Kana’aanitti babal’ate (cf. Iyob 31:26,27). Argannoowwan aarki’oolojii Tel. El-Amarnadhaa argaman, kan Kana’aan hammatnis Waaqolii urjootaa akka maqaa iddoowwaniitti fayyadamu.

▣ **“Macaafa Raajootaa keessatti”** Kun maraa Macaafa Raajotaa xixiqqoo kudha lamaan qabate kan agarsiisudha (cf. 13:40). Waraabbiin lakk 42:43 keessa jiru Amos 5:25-27) Macaafa Qulqulluu hiikaa faan Giriikii irraa kan fudhatamedha.

**MATA DUREE ADDAA: BOOCA (TUPOS)**

Rakkinichi jecha ‘*tupos*’ jedhudha, itti fayyadama hedduu waan qabuuf

1. Moultoonii fi Milligaaniin,“*The Vocabulary of the Greek New Testament*”, p. 645
    a. karaa
    b. karoora
    c. kooca
    d. seera
    e. hima
    f. fakkeenya qaama namaa
    g. yaada seera raawwachiisuuf aangoo fayyadamu
2. Louwii fi Nidaan, *Greek-English Lexicon*, Vol. 2, p. 249
    a. mada (Yoh. 20:25)
    b. fakkii (HoE 7:43)
    c. fakkaatti (Ibr. 8:5)
    d. fakkeenya (1Qor. 10:6; Fil 3:17)
    e. fakkeenya (Rom. 5:14)
    f. akaakuu (HoE 23:25)
    g. akaakuu ergaa (HoE 23:25)
3. Haaroldii K. Moultonii, *The Analytical Greek Lexicon Revised* p411
    a. fakkeenya (Yoh. 20:25)
    b. fakkaatti
    c. fakkii (HoE 7:43)
    d. formulaa (Rom. 6:17)
    e. formii (HoE 23:25)
    f. quba (1Qor. 10:6)
    g. akaakuu (Rom. 5:14; 1Qor. 10:11)
    h. karaa fakkaattiif ta’u (HoE 7:44; Ibr. 8:5)
    i. fakkaatti amalaa (Filp. 3:17; 1Tas. 1:7; 2Tas. 3:9; 1Xim. 4:12; 1Phex. 5:3)

Kana keessatti lakkoofsii 1ffaan gaarii fakkaata. Wangeellii barnootaa fi akkataa jireenya ni qaba. Kennaan fayyinaa Kiristoosiin kankenname Kiristoosiin fakkaachuu gaafata.

**7:43 "MOLOK"** Qubeewwan Ibiraayisxii jecha mootii jedhu agarsiisan *mlk* dha. Waaqolii tolfamoon warra Kana'aan kan qubee sadan kanaan walqabatan, *Milkom, Molek, ykn Molok*dha. *Molok* Waaqa tolfamaa Amoorotaa isa angafa isa fayyummaa fi badhaadhina hawaasichaa yookiin biyyichaa mirkaneesuuf ijoolleen aarsaa ta'anii dhi'aataniif ture (cf. 20:2-5; Phex. 12:31; 1Mootota 11:5,7,33; 2Mot 23:10,13,14; Erm. 32:35; 7;310). Kitaabni A.T.Robertsan "*Word Pictures in the New Testament*" jedhamu hidhaa 3, fuula 95 irratti akka jedhutti Molok, "fakkii mataa dibichaa qabu kan harki isaa diriiree ijoolleen irra kaa'aman jala isaas boolli abidda itti bobeessankan jirudha" Jechi *Molok* jedhu Lew. 18:21 keessatti haala wal-qunnamtii saalaa sirri hin ta'iniin walqabatee caqafamuun isaa beektota tokko tokko akka ijoolleen aarsaa ta'anii dhihaachaa kan turan utuu hin ta'in akka sagaaltoota masaraa isaa durbaa fi dhiiraa ta'anii kan dhiyaatan turan jedhanii akka yaadan goheera. Yaadichi shaakala waaqeffannaa sagaagalummaan wal-qabateen kan wal simudha.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 7:44-50**

**[44]"Abboonni keenya lafa duwwaa sana keessatti "Godoo dhaabaa" of biraa qabu turan; godoon sunis akka isa Waaqayyo Museetti argisiisee, 'akkasitti qopheessi' itiin jedheetti, kan hojjetame ture. [45]Abboonni keenya warri isaan booddees godicha fudhatanii, Iyyaasuudhaa wajjin biyya saba warra Waaqayyo isaan duraa oofee baaseeti galani; godichis hamma bara *Daawititti* isaan gidduu ture. [46]Daawit yommus Waaqayyo duratti ayyaana argatee, Waaqayyo isa kan Yaaqoobiif mana ijaaruudhaaf gaafate. [47]Waaqayyoof mana kan ijaare garuu Solomoon ture. [48]"Waaqayyo inni hundumaa gararraa jiru immoo, *manneen* harka *namootaatiin* hojjetaman keessa hin jiraatu. Raajichi akkuma jedhu iyyuu. [49]'BANTIIN WAAQAA TEESSOO KOOTI, LAFTIS EJJETA MIILLA KOOTIITI. MANA ATTAMII ANAAF IJAARTUU REE? YOOKIIS IDDOON BOQONNAA KOOTII ISA KAMI? [50]ISAAN KANA HUNDUMAAS HARKA KOOTU HOJJETE MITI REE? Jedha goftichi.**

**7:44** Yaadni kun Ba'u 25-31,36,40 keessatti argama. Wixineen godoo gadi fageenya qabu kun gaara Siinaa irratti Museetti mul'ifame. Kakuu Haaraan Ibiraayisxiidhaan barreeffame waa'ee godoo (cf. 8:5-6; 9:11,2) Waaqarraa isa godoon inni lafarraa fakkeenya isaa ta'ee dubbata.

▣ **"karichaa"** Mata duree addaa 7:43 irra jiru ilaali.

**7:45** Kun yeroo laficha qabachuu saba Israa'elii (dh.k.d 1400 ykn 1250) hanga bara Daawititti (dh.k.d ± 1011 hanga dh.k.d 971/70, Harrison; dh.k.d 973, Yaang dh.k.d 961, Brayit).

**7:46** Kun Sam 7 isa kutaa baay'ee murteessaa ta'e calaqqisiisa. Kun mootummaa Daawit Waaqayyoon hundeeffamudha.

**7:47** "Waaqayyoof mana kan ijaare garuu Solmoon ture" Yaadni kun 1 Mot. 6-8 fi 2Seenaa baraa 1-6.

**7:48** Himni kun hima Solomoon 1Mot. 8:27 fi Seenaa 6:18 keessa jiruu wajjin walfakkaataadha.

**7:49-50** Waraabbiin kun Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii (septuangist). Isa. 66:1-2 irraa fudhatame. Kunis Solomoon iyyuu Waaqayyo uumamaan manicha keessa akka hin jirre hubachuu isaa agarsiisa!

Lakkoofsonni kunhamatamuu warra saba Waaqayyoo hin ta'iniif falmii jiru ni agarsiisuu? Yoo akkas ta'e hanga tokko waan haguugame fakkaata. Haa ta'u malee Solomoon mataan isaa mana qulqullumichaa akka iddoo biyyi lafaa itti gara Waaqayyoo dhufuutti ilaale (cf. 1Mot 8:41-43). Ergamoonni iyyuu ituu barsiisi Yesuus kana of keessaa qabaachuu isaa utuu hin beekin (cf. Mat. 28:18-20; HoE 1:8) tajaajila biyya lafaa guutummaa argee kan labsee Yihudoota afaan Giriikii dubbatan (warra torban HoE 6 keessaa) turan. Isxifaanos lakk. 50 keessatti kana dubbachuu barbaadee ta'uu danda'a.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 7:51:53**

[51]**"Isin mata-jabeeyyii nan, garaan keessan akka garaa warra Waaqayyotti hin amaniniitii, gurri keessan akka gurra warra Waaqayyoonhin dhaga'iniiti. Akkuma abboonni keessan gochaa turan, isinis yeroo hundumaa Hafuura Qulqulluu jalaa diddu. [52]Raajota keessa immoo kan abboonni keessan hin ari'atin jira turee ree? Inni qajeelaan sun dhufuuf akka jiru, warra raajii dubbatan ajjeesaniiru; inni isuma isin amma dabarsitanii kennitan, isa isinajjeeftanis. [53]Isinuma warra akka ergamoonni Waaqayyoo isinitti kennanitti seera fudhattanii eeguu immoo diddan" jedhe.**

**7:51 "mata-jabeeyyii"** Isxifaanos amala Museen ittiin ijoollee Yaaqoob/Israa'el ibsu eeruu isaati (cf. Ba'u 32:9; 33:3,5).

▣ **"garaan keessan akka garaa warra Waaqayyootti hin amaniniiti"** jechamni Ibrootaa kun kan amantii hin qabne, kanhinamanamnee fi kanitti hin hirkatamne jechuudha (cf. Lew 26:41; Erm. 4:4; 9:25-26; Hisq 44:7)

▣ **"gurri keessan"** Kun ergaa Waaqayyoo dhaga'anii abboomamuu fi diduu isaanii agarsiisa (cf. Erm. 6:10).

▣ **"isini yeroo hundumaa hafuura qulqulluu jalaa diddu"** Kun yaada isa Isa. 63:10 irra jiruu wajjin baay'ee walfakkaata. Jaalalli Waaqayyoo fi amanamummaan isaa inni dinqisiisaan Isa. 63:9,11-14, keessatti ni mul'ata, garuu namoonni amantiidhaan hin fudhanne!

**7:51b-52** Kun, geggeessaan Yihudootaa kan yeroo kanaa, akkuma geggeessaa Israa'el isa durii ciminaan hammeeffamuu isaa kan mul'isuudha! Namoonni Waaqayyoo warri durii ergamoota Waaqayyoo ajjeesaniiru, amma immoo masihicha ajjeesan (cf. 3:14: 5:28).

**7:52 "inni qajeelana sun"** Kun 3:14 fi 22:14 keessatti Yesuusiin ibsuudhaaf fayyadeera. Barreeffama guutuu isaa 3:14 irra alaali, akkasumas 3:14 irraa, Mata duree addaa: qajeelummaa jedhu ilaali.

**7:53 "akka ergamoonni Waaqayyoo isanitti kennanitti"** Kun kan inni agarsiisu, hiikaa karaa amantii kan Kess. 33:2 isa Macaafa Qulqulluu afaan Giriikii irraa fudhatamee fi, kan Waaqayyo karaa ergamaa isaatii seera Museetti kennuu isaa ibsu kan Gal. 3:19 fi Hib. 2:2 irratti mirkaneeffamedha.

▣ **"eeguu immoo diddan"** Isxifaanoos, "Dhaga'aa," jechuudhaan falmata isaa eegale, kun immoo "akka garaa keetti qabattutti dhaga'i" (cf. Kess. 6:4) isa jedhu jecha Ibraayisxii, *Shema* kan calaqqisiisu ta'uu danda'a. Isxifaanosii fi akkasumas booddeedhaan immoo Yaaqoob (isa karaa tokkoon obboleessa Yesuus ta'e) lamaan isaanii iyyuu "dubbicha kan gootan malee kan dhageessan qofa hin ta'inaa" isa jedhu cimsanii hubachiisu (cf. Yaq 1:22-23 fi Yesuus, Mat 7:24-27; Luq 11:48; Yoh. 13:17; fi Phaawuloos, Rom 2:13).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 7:54-60**

[54]**Isaan kana hundumaa yommuu dhaga'an, aarii guddaa irraa kanka'e, isatti ni ciniinnatu turan. [55]Isxifaanos garuu hafuura qulqulluudhana guutamee, utuu ija irra ahinbuqqifatinis Waaqa keessa ol ilaalee, ulfina Waaqayyoo, Yesuusinis gara mirga Waaqayyoo dhaabatee arge. [56]"Kunoo, ani bantiiwwan Waaqaa banamanii, ilmi namaas gara mirga Waaqayyoo dhaabatee nan arge" jedhe. [57]Isaan garuu gurra isaanii cuqqaallatanii, guddisanii itti wacaniis, erga takka aitti fiigan. [58]Mandara keessaa daddarbachaa gad baasanii, dhagaadhaan ni rukutan; Warri dhuga-baatuunis uffata isaanii miilla dargaggeessa Saa'ol jedhamu tokkoo jala naqatanii turan. [59]Utuma isaan dhagaadhaan isa rukutaa jiranii, Isxifaanoos, "Gooftaa Yesuus, hafuura koo fudhadhu!" jedhee kadhate. [60]Jilbeenfatee sagalee guddaadhaan, "Yaa gooftaa, Cubbuu kana isaanitti hin lakkaa'in!" jedhee iyyee; Kana jedhees kufee ni obbaafate**

**7:54 “isaan”** Kunkan inni agarsiisu miseensota Luboota warra angafootaa fi warra biyya seerratanii ta’uu qaba (cf. 6:15).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“baay’ee aaranii”** |
| **NKJV** | **“onnee isaanii iraa aaranii”** |
| **NRSV** | **“isaan ni aaran”** |
| **TEV** | **“isaan oori’uutti ka’an”** |
| **NJB** | **“isaan ni mufatan”** |

Kun gocha hin xumuramnin jiru kan agarsiisudha. Kun jecha yoo hiikiame, “garaa gubachuu” (cf. 5:33) jechuudha. Ergaan Isxifaanoos, geggeessitoota kana bira ga’eera, Isaan garuu qalbii jijjiirrachuudhaa manna, akkuma yeroo kaan godhan, fudhachuu diduu fi ajjeessuu bira dhaqan (cf. 5:33).

▣ **“ni ciniinnatu”** Kun mallattoo dheekkamsaati (cf. Iyob 16:9; Far 35:16; 37:12; Far. Er. 2:16).

**7:55 “hafuura quqlulluudhaan…Waaqayyoo, Yesuusiinis”** Waaqayyo sadan tokkummaa ibsamuu isaa hubadhu. Mata duree addaa 2:32-33 irra jiru ilaali.

▣ **“hafuura qulqulluudhaan guutamee”** Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti wangeelli labsuudhaaf hafuura Quqlulluudhaan guutamuun addatti kan beekamudha. (kunis *Plēroō* cf. 2:4; 4:8, 31; *plērēs*, cf. 6:3,5,8; 7:55; 11:24).

Dhugmaan Macaafa Qulqulluu kan hafuurichaan walqabatan:

4. Nama hafuuraa (cf. Yoh. 14:16)
5. Cuuphaa hafuuraa (cf. 1Qor. 12:13)
6. Ija hafuuraa (cf. Gal. 5:22-23)
7. Kennaawwan hafuuraa (cf. 1Qor 12)
8. Hafuuraan guutamuu (cf. Efe. 5:18)

Kana hundumaa keessaa, Macaafni Hojii Ergamootaa, isa shanaffaa irratti xiyyeeffata. Geggeessitoonni waldoota durii, irra deddeebi’anii, humnaan guutamaa turan, kunis sodaa malee akkasumas humnaan (aangoodhaan) wangeela Yesuus Kiristoos labsuudhaaf ture. Isxifaanosiin, ciminni lallaba isaatii (humni lallaba isaatii), gati lubbuu isa baasise. Waa’ee “guutamuu” irratti barreeffama guutuu 2:4 fi 3:10 irraa ilaali.

▣ **“utuu ija irraa hin buqqifatinis”** Luqaas jecha kana baay’ee jaallata (cf. Luq 4:20; 22:56; HoE 1:10; 3:4,12; 6:15; 7:55; 10:4; 11:6; 13:9; 14:9; 23:1). Isxifaanos, akkuma warri Yihudoonni yeroo kadhatan godhanitti gara maqaa ilaale, Waaqayyo garuu qooda kadhannaa, akka inni Waaqa keessa arguuf isa gargaare.

▣ **“ulfina Waaqayyoo…arge”** asitti kan jedhame, ‘Isxifaanos Waaqayyoon arge’ utuu hin ta’in, ‘ulfina Waaqayyoo arge’ akka ta’e hubadhu. (Isxifaanos ulfina Waaqayyoo arge malee, Waaqayyoon hin argine). Eenyu illee Waaqayyoon argee jiraachuu hin danda’u (cf. Ba’u 33:20-23). Iyyoob, Waaqayyoon arguu akka danda’u amane (cf. Iyyob 19:25-27; 7:55). Yesuus, warri garaa (laphee) qullaa’aa qaban guyyaa tokko Waaqayyoo arguu akka danda’an waadaa galeera (cf. Mat. 5:8). Mata duree addaa: ulfina jedhu 3:13 irraa ilaali.

▣ **“Yesuusiinis gara mirga Waaqayyoo dhaabatee”** Yesuus mirga Waaqayyoo jiraachuun isaa, jechama iddoo hafuura (Waaqummaa) fi aangoo isaa agarsiisuudha. Yesuus dhaabachaa jiraachuun isaa fedha (jaalalaa) fi eegumsa (dhimmuu) inni kiristiyaanota warra jalqabatti aarsaa ta’aniif qabu kan agarsiisudha.

Waaqayyo bifaa fi karaa Isxifaanos fudhachuu danda’uun ofii isaa isatti mul’ise. Kun immoo:

1. Waaqni (iddoon Waaqayyo jiu) “ol” (gara olii) fi
2. Waaqayyo Teessoo irra taa’e jechuu utuu hin ta’in,

Dhimmamuu fi eegumsa yesuus kan agarsiisudha. Jechamoota Macaafa Qulqulluu keessa jiran, akkaataa aadaa lafa irratti akka hin hiikneef of eeggachuu qabna. Dubbiiftoonni hammayyaa warri gara lixaa, amanamummaa fi dhimmamuu Macaafa Qulqulluudhaaf qabaniif jedha, barreeffama hundumaa jecha jachaan fudhachuun

(hiikachuun) isaanii haala aadaa hin eegamnedha. Waaqayyo uumama isaatti ofii isaa ni mul'is, kana garuu kan inni godhu, haala lafaarratiin (bifa lafa irraatiin) akka isaan hubachuu danda'anittidha. Kun shakkii malee, bakka bu'iinsa of keessaa qaba. Namni cubbamaan, akkasumas murtaa'aan (haalaa fi yeroodhaan kan daangeeffamu) wantoota Hafuuraa guutummaatti hubachuu hin danda'u. Waaqayyo nutti dubbachuudhaaf (nuu wajjin walii galuudhaaf) wantoota aadaa keenya isa mul'atu keessa jiran fayyadamuu fo'ata. Wantoonni kun dhugaadha, garuu guutumaatti kan bakka bu'an miti (kan namaaf hin galle miti).

**7:56 "ilma namaas"** Shakkii malee, Isxifaanos yommuu "Isa qaleelaa" (5:52) jedhu, Yesuusiin mul'isuu isaati. Warri isa dhaga'an, kun masihicha kan ibsu ta'uu isaa hubachuu hin dadhaban. Jechi "Ilma namaa" jedhu, Kakuu Moofaa keessatti faayidaa lama qaba: (1) nama ibsuudhaaf gaalee beekamadha (cf. Hiziqeel 2:1; Far. 8:4) fi (2) namummaa hafuuraa (kunis Masihicha) (Daani'eel 7:13-14 fi Far. 110:1). Kanaafuu, namummaa, akkasumas Waaqaymmaa agarsiisa. Yesuus kan inni ofii isaa akkas jedhe waamu, akkasumas barsiisonni amantii warri Kakuu Moofaa qofa, karaa sabummaa, waraanaa, akkasumas wanta biraa utuu itti hin dabalin, fayyadaman kan isaan jecha kana hin fayyadamne sababii kanaafidha. Isa Yesuus ofii isaatii dubbachaa tureen alatti jechi kun iddoo lama qofa jira, inni Isxifaanos dubbate kunis lamaan kana keessaa tokkodha (cf. Yoh. 12:34).

**7:57-58** Warri isa dhaga'an kun, Isxifaanos, Yesuus ilma namaa isa deebi'ee dhufudha jedhee hubachiisuu isaatiin maqaa Waaqayyoo xureesse jedhanii amanan (cf. Dan. 7:13). Yihudoota warra Waaqayyo tokkichatti qofa amanan kanaaf kun waan guddaadha! Isaan wanta Museen akka nama maqaa Waaqayyoo xureesse irratti raawwatamuuf hayyameef (cf. Lew. 24:14-16; Kess. 13:9; 17:7) Isxifaanos irratti raawwatan. Wanti Isxifaanos dhugaa ba'e yookiin dhugaadha, yookiin immoo inni nama maqaa Waaqayyoo xureesse kan du'uun isaafa ta'uudha! Waa'ee Yesuus irrati, kana lamaan gidduu karaan (filannoon) biraan hin jiru (cf. Yoh. 12:34).

**7:57 "erga takkaa itti fiigan"** Kun jecha isa Luqaas yeroo baay'ee tokkummaa ergamoota durii ibsuudhaaf itti fayyadamudha (cf. 1:1; 2:46; 5:12; 15:25). Luboonni wari angafoonni, Isxifaanositti aaruu fi is afudhachuu diduutti walii galanii (tokkummaa godhatanii) turan (18:22 irratti Yihudonni Akaayaa Phaawuloosiin fudhachuu diduu isaanii, akkasumas 19:29 irratti Ormoonni warri Efesoon kiristiyaanotatti aaruu isaanii ilaali).

**7:58 "mandara keessaa…gad baasanii"** Eenyu illee Yerusaalem keessatti ajjeeffamuu hin danda'u ture, sababiin isaas, isheenlafa "quqlulluu" waan turteefidha!

▣ **"dhagaadhaan ni rukutan"** Yihudoonni bulchiinsa Roomaa jalatti mirga murtii du'aa akka hin qabne yeroo baay'ee ibsameera. Kun kan inni agarsiisu, wanti sun yeroo hundaa dhugaa akka hin taanedha. Gooliin uummataa salphaatti dhaabachuu waan danda'u hin turre.

▣ **"dargaggeessa Saa'ol jedhamu"** Yihudota biratti namni tokko hamma waggaa afurtamaatti dargaggeessa jedhama. Kun iddoo nu'i Saa'ol, nam xarsees yeroo jalqabaaf maqaadhaan itti arginudha, inni isa ergamaa, Phaawuloos ta'uuf jirudha. Phaawuloos dubbii Isxifaanos Kakuu Moofaa keessaa dubbatu dhaga'eera, akkasumas tarii inni Yerusaalem keessatti mana sagadaa warra hurrii ba'anii (6:9) keessatti isa dhaa'eera ta'a. Kun iddoo shakkiin Phaawuloos, kan inni kiristiyaanota ari'achuudhaan ba'uuf yaale, iti jalqabe ta'uu fi dhiisuun isaa waan nama dinqudha.

**7:59 "Gooftaan Yesuus, hafuura koo fudhadhu"** Kun Seerluga afaan Ingiliziitti, 'AORIST MIDDLE IMPERATIVE' kan ta'edha. Isxifaanos, gara maqaatti iddoo yesuus jiru jiraachuuf akka deemu amane (cf. 2Qor 5:6,8) malee iddoo lafa jalaa isa warri du'an dhaqanii (Ibraayisxiitti, *sheol*) miti. Isxifaanos fannifamuu Yesuus dhugaa ba'eera, yookiin immoo waa'ee isaa gad fageenyaan dhaga'eera ta'e, sababni isaas inni gaaleewwan wal fakkaatan lama fayyadameeera (kunis lakk. 59 fi 60, cf. Lu 23:34,46).

Akkuma ergamoonni 1:24 irrati godhan, Isxifaanosis Yesuusiin kadhachuun isaa arguun waan namatti toludha. Haa ta'u malee kadhannaan Kakuu Haaraa inni kaan, maqaa ilmaatiin gara abbaatti kan godhamudha.

**7:60 "jilbeenfatee"** dhagaadhaan rukutuun yeroo baay'ee wanta battala tokkoo miti. Barreeffamichi, daqiiqaawwan baay'ee fudhachuu isaa agarsiisa.

▣ **“sagalee guddaadhaan…iyye”** Kunis wanta Yesuus keessa darbeen wal fakkaata. Jechoonni kun akkuma YHWHdhaaf godhaman, tuuta sanaaf kan godhamaniidha. Jechoonni kun gurra Saa’ol keessa iyyuun isaanii hin oolle.

▣ **“kufe ni obbaafate”** Kun Macaafa Qulqulluu keessatti du’a kan agarsiisudha (Fakk. Iyo. 3:13; 14:12; Far. 76:5; 2Sam. 7:12; 1Mot. 2:10; Erm. 51:39,57; Dan. 12:2; Mat. 27:52; Yoh. 11:11; HoE 7:60; 13:16; 1Qor 15:6,18,20; 1Tas. 4:13; 2Phex. 3:4).

**GAAFFILEE MARII**

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Quqlulluuti kana jechuun namni tokko Macaafa Quqlulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Quqlulluun, akkasumas Hafuurri Quqlulluun, hiika laachuu keessatti qooda isa jalqabaa qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan isaan dhiyaatan, yaadota gurguddoo kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadduuf si gargaaruufidha. Gaaffileen kun yaada kan kaasanidha malee, ibsa kan irratti laatan miti.

1. Kaayyoon dubbii Isxifaanos maali? Dubbiin isaa waa’ee Yihudotaa mala argisiisa? Isaan maaliif akkas aaran?
2. Yesuus akkamitti Musee fakkaata, lakk 37:
3. Lakk 49-50 keessatti, dubbiin Isa. 66:1-2 irraa fudhatame, maaliif baay’ee barbaachisaa ta’e?
4. Isxifaanos mul’atatti Yesuusiin arguu isaa ilalchisee, wanti baay’ee barbaachisaa ture maali?

# HOJII ERGAMOOTAA 8

## HIIKAA HAARAA KEEYYATA HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Saa'ol waldaa ari'ate | Saa'ol waldaa ari'ate | Wangelli gaa samaariyaa fi gara qarqara galaanaatti bal'ate | Saa'ol waldaa ari'ate | Isxifaanos dhagaadhaan rukutamee du'uu isaa, saa'ol akka ari'ataatti |
| 8:1b-3 | 8:1-3 | 8:1b-3 | 8:1b-2 | (7:55-8:3) |
| | | | | 8:2 |
| | | | 8:3 | 8:3 |
| Wangeelli Samaariyaa keessatti lallabame | Kiristoos Samaariyaatti lallabame | | Wangeelli Samaariyaatti lallabame | Filiphos Samaariyaatti |
| 8:4-8 | 8:4-8 | 8:4-8 | 8:4-8 | 8:4-8 |
| | Ogummaa amantii namicha qoricha namatti godhuu | | | Simoon Isa qoricha namatti godhu |
| 8:9-13 | 8:9-13 | 8:9-13 | 8:9-13 | 8:9-13 |
| | Cubbuu namnicha qoricha namatti godhuu | | | |
| 8:14-24 | 8:14-24 | 8:14-24 | 8:14-17 | 8:14-17 |
| | | | 8:18-19 | 8:18-19 |
| | | | 8:20-24 | |
| 8:25 | 8:25 | 8:25 | 8:25 | 8:25 |
| Filiphosii fi namicha Itoophiyaa | Kiristoos namicha Itoophiyaa lallabame | | Filiphoosii fi namicha Itoophiyaa | Filiphoos namicha Itoophiyaa sana cuuphe |
| 8:26-33 | 8:26-40 | 8:26-40 | 8:26-30 | 8:26-33 |
| | | | 8:31-33 | |

**DUBBISA MARSAA SADARRAA ("A Guide to Good Bible Reading" fuula vii irraa)**
***SADARKAA KEYYATATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABAA HORDOFUU***

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Quqlulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon otkkon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati Macaafni Quqlulluun, akkasumas Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabaa qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haawaa shananiin madaali. Keeyyataan hiruun dirqama miti, yaada barreessichaa isa jalqabaa hordofuudhaaf garuu furtuudha, kunimmoo giddu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyata Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammafaa

3. Keeyyata sadaffaa

4. Kkf

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 8:1a**
**[1]Saa'ol ajjeefamu Isxifaanositti walii galee ture.**

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 8:1b-3**
**[1b]Kana irratti immoo guyyuma sana waldaa amantoota Yerusaalem keessa jiru irratti ari'atamuu guddatu ka'e; ergamoota irraa kan hafe amantoonni hundinuu kutaa biyya Yihudaatii fi Samaariyaa keessa bittimfaman. *2*Jarreen Waaqayyoof bulan tokko Isxifaanosiif boo'icha guddaa isaa boo'anii, reeffa isaa awwalan. 3Saa'ol garuu Waldaa amantootaa lafa irraa balleessuudhaaf manneen keessa adeemee, dhiirotaa fi dubartoota amantoota ta'an harkisee, mana hidhaatti ni kenna ture.**

**8:1 "Saa'ol ajjeefamuu Isxifaanositti walii galee ture"** Gaaleen kun boqonna a7 kan gudunfudha. Kun gocha filannoo kan hin xumuramin jiru agarsiisa. Phaawuloos taatee kana akka qaanii guddaatti yaadate (cf. HoE 22:20; 1Qor 15:9; Gal. 1:13,23; Fil. 3:6; 1Xim. 1:13). Namoonni tokko tokko bareeffama kana 26:10, isa inni luboota warra angafoota biratti du'uu kiristiyaanotaatiin walii galee wajjin wal qabsiisu.

▣ **"guyyuma sana waldaa amantoota Yerusaalem keessa jiru irrati ari'atamuu guddaatu ka'e"** Kun gocha geggeessitoota Yihudootaa (caalaatti Saaduqoota) kan isaan, sababii waldaan Yerusaalem durii akkataa dinqisiisaadhaan dagaagdee guddatteef, godhan kana bakka bu'u ta'uu danda'a. Haa ta'u malee, kun karaa Waaqayyo akka waldaan HoE 1:8; yoo 1:8 ta'uu baate immoo 8:1 hojii irra oolchitu ittiin godhedhas.

Luqaas qaama amantootaa isa haaraadhaaf jecha *'ekklesia'* jedhu fayydamuun isaa waan tasaa miti. Dhiironnii fi dubartoonni kun waadaa Waaqayyo Kakuu Moofaa keessatti gale irraa adda baasanii of hin ilalan, akka fiixaan ba'uuf malee! Macaafa Qulqulluu isa afaan Giriikiitti hiikame keesatti jechi kun "tokkummaa amantootaa" hiikuudhaaf fayyadeera (MT *qahal*) isa kan Israa'el 7:38 keessatti; amma tokkummaa amantootaa yerusaalem keessa jiru ibsuudhaaf fayyada. Luqaas jecha "Guddaa" (*megas*) jedhu baay'ee jallata. Inni jecha

kanatti magaalaa isaa keesssatti si'a digdamii shan, akkasumas Hojii Ergamootaa keessatti si'a digdamii sagal itti fayyadameeera.

Boqonnaa 8 keessatti jecha kana kan inni fayyadamee:

1. Ari'atama guddaa lakk. 1
2. Boo'icha guddaa, lakk 2
3. Sagalee guddaa, lakk 7
4. Nama guddaa, lakk 9
5. Hamma gurguddootaatti, lakk 10
6. Dinqii gurguddaa, v. 13

▣ **"ergamoota irraa kan hafe amantoonni hundinuu kutaa biyya Yihudootaatii fi Samaariyaa keesa bittimfaman"** Ari'atamichi ergamoota irra darbee, kiristiyaanota Yihudota warra afaan Giriikii dubbatan irra bu'uun isaa waan baay'ee namatti toludha. Sadarkaa kanatti ergamoonni amantii Yihudootaa keessatti hafuutti ni quufu jechuun ni danda'ama. Taateen kun Pheenxe qoosxee booddee yeroo murtaa'eef kan ta'e yommuu ta'u, geggeessaan ergamtummaa isaanii ammayyuu, Yerusaaleem keessatti qofa Yihudootatti yookiin warra fedha qabanitti qofa lallabuutti ni fuufa ture.

▣ **"biyya Yihudaa fi Samaariyaa keessa bittimfaman"** Kun waa'ee ergama guddaa inni Luqaas HoE 1:8 keessatti barreesse akka fixaan ba'uuf kan ta'edha. Yesuus jechoota kana erga dubbatee takka kan ture yommuu ta'u, ari'atamni kara atokkicha ittiin waldana addunyaa hunda irra babal'attuudha jechuun ni danda'ama. Waldaan amma iyyuu harkifachaa jirti!

**8:2 "jarreen Waaqayyoof bulan tokko Isxifaanosiif…reeffa isaa awwaalan"** Jechi "Waaqayyoof bulan" jedhu yeroo baa'ee Yihudota warra amantiitti dhimman (cf. Luq 2:25) agarsiisuudhaaf fayyada. Kun kan inni agarsiisu, Yihudoota warra kiristiyaanota yookiin immoo salphadhumatti Yidhuudota warra adeemsa seeraan alaa (kunis Goolii kaasuu) fi ajjeeffamuu Isxifaanos hin deggerredha jechuun ni danda'ama. 'Mishnah' warri maqaa Waaqayyoo xireessan akka awwaalaman hayyameera. Warri awwaalan akka boo'icha guddaa boo'an garuu hin hayyamne. Warri waaqayyoof bulan sun kan isaan ifatti gadda isaanii mul'isaniif (1) waan raawwatame mormuudhaaf yookiin (2) wanti raawwatame sun seeraan kan hin murtoofne ta'uu isaafi.

**8:3 "Saa'ol garuu waldaa amantootaa lafa irraa balleessuudhaaf"** Xumurri kun gocha hin raawwatamin jiru kan agarsiisudha. Kun, gocha yeroo darbe keessa jiru kan agarsiisudha. Kun, gocha yeroo darbe keessa jalqabe (cf. NASB, NJB) yookiin ocha amma ta'aa jiru (cf. NKJV, NRSV, TEV) kan agarsiisu ta'uu danda'a.

Jechi balleessuu jedhu "bineeldotaan qaama tarsaasuu" jechuudha. Macaafa Qulquluu isa afaan Giriikiitti hiikame keessatti, bineeldoota isa Far. 79:13 keessaa fi waraanaan mo'amuu isa Er. 28:2 fi 31:18 keessa jiru agarsiisa. Phaawuloos dhugaa dubbii Isxifaanos dubbatee wajjin wal'aansoo qabaa ture jechuun ni danda'ama. Kan inni haariidhaan waldaa kiristiyaanaa ari'achaa tures, dhiphina keessa isaa ture haguuguudhaaf ta'a (cf. HoE 9:1,13,21; 22:4,19; 26:10-11; 1Qor. 15:9; Gal. 1:3; Fil. 3:6; 1Xim. 1:13).

Mata duree addaa ilaalaa: Waldaa 5:11 irratti.

▣ **"manneen keessa adeemee"** Gaalee kana karaa lmanaa hubachuun ni danda'ama. (1) Phaawuloos iddoo ergamoonni dhaqanii itti lallaban bare (cf. 5:42) yookiin (2) yeroo kanatti iyyuu Yerusaalem keessa waldoonni mana manatti godhaman kan amantoonni yeroo hundaa itti wal ga'an turaniiru.

Kiristiyaanonni durii kan isaan wal ga'an (1) Sanbata Sanbata mana sagadaatti: (2) Guyyoota addaatti yookiin guyyaata baay'ee iyyuu mana qulqullummaatti; fi (3) iddoowwan addaatti yookiin Sanbata Sanbata mana manatti ta'uu danda'a.

▣ **"dhiirootaa fi dubartoota amantoota ta'an harkisee"** kun xumura seexana isa urjoota maqaa keessa jiran keessaa harka sadii keessaa harka tokko haxaa'ee lafatti naqe ibsuuf fayyadedha (Mul. 12:4). Xumurri kun hojii ergamootaa keessatti yeroo baa'ee ni mul'ata (cf. 8:3; 14:19; 17:6). Saa'ol Ari'achuutti hamaa ture (cf. 26:10).

Kanaaf Gaaleen "dhiirotaa fi dubartoota" jedhu ragaa ta'uu ni danda'a. Inni maatii amantootaa addaan kutee, kaan hiisisee, kaanis ajjeesiseera. Inni sababii kanaatiif ofii isaatiin "Qulqulloota keessaa isa gadi aanaa" jedha

(cf. 9:1,13,21; 22:4,19; 26:10,11; 1Qor. 15:9; Gal. 1:13,23; 1Xim. 1:13). Sababa kanaatiif kan inni xumura irratti "qulqulloota irraa isa xinnaa" jedhee kan of waameef. (1Qor. 15:9; Efe. 3:8).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 8:4-8**

**4Amantoonni warri bittinnaa'an biyya keessa naanna'anii, dubbicha ni lallaban. 5Filiphos gargaartota keessaa tokko, mandara Samaariyaa tokkotti gad bu'ee, namoota mandarichaatti Kiristoosin lallabe. 6Tuuti jaraas gurra qeensanii, dubbii Filipho, dubbate dhaggeeffatan; milikkita inni hojjetes ni argan. 7Hafuuronni hamoonni sagalee guddaadhaan caraananii, namoota baay'ee keessaa ba'an; namoonni baay'een dhagni isaanii gara tokko kan du'e, warri hokkolanis ni fayyifaman. 8Kanattis warri mandara sanaa guddaa ni gammadan.**

**8:4 "warri bittimmaa'an biyya keessa naanna'anii, dubbicha ni lallaban"** Hubadhu, kun ergamoota miti, sababni isaas isaan Yerusaalemitti hafan. Dubbii kana warri lallaban, Yihudota warra kiristiyaanota ta'an kan afaan Giriikii dubbatanii fi kan hojjettoota wangeelaa warra jalqabaa ta'anidha. Ergamni waldaa addunyaa guutuutti kan jalqabame, ergamootaan utuu hin ta'in, Isxifaanosii fi filiphosiin ta'uun isaa nama ajaa'iba.

Asitti "dubbicha" kan jedhu, shakkii malee wangeela kan agarsiisu ta'u qaba, garuu addunyaa guutuutti, isa Isxifaanos warra Yihudoota hin ta'in irratti xiyyeeffates ni dabalata (Ergama Guddaa, Matt 28:18-20).

**8:5 "Filiphos"** Inni "warra torban" 6:5 (cf. 21:8-9) keessatti ibsaman keessaa tokkodha. Inni tajaajila iddoo sadiitti godhame irratti ibsameera: (1) Samaariyaa; (2) Namicha Itoophiyaa; fi (3) Tajaajila naannoo qarqara Phaalestiinaa keessatti godhame. "Warri torban" kun laphee wangeela labsuu qabu.

▣ **"mandara Samaariyaa tokkotti gad bu'ee"** Barreeffamichi "manadar Samaariyaa tokkotti" yookiin "mandara Samaariyaatti" jechuu isaa irratti gaaffiitu jira. Sadarkaan barreeffamoota duriif laatamu, 'mandara Samaariyaa tokkotti' isa jedhu looga (cf. MSS, p74, א A,B,). Haa ta'u malee, yeroo kanatti magaalaan kun maqaa Samaariyaa jedhuun utuu hin ta'in, Sabaastee jedhamtee beekamti.

Bara warra Roomaa kanatti jechi Samaariyaa jedhu kutaa biyyatiif fayyadaa ture. Magaalaa guddoon Samaariyaa yeroo sanaa sheekhaam ta'uu dandeessi. Magaalaan kun mana aadaa Simoon Maagos waan taateef "Gitta"dha yaadrimmeewwan jedhantu jira. Yaadirmee kana kan kaa'e namuma naannoo kanaa kan Jastiin Maartaayir jedhamudha.

▣ **"namoota mandarichaatti Kiristoosiin lallabe"** Warri Samaariyaa Yihuudootaan ni jibbamu, sababni isaas isaan akka hortee-gamisaatti (walakkaattii) isaan ilalau (cf. Izr. 4:1-3), kun bazaatii Assiiriyaa kan bara 722 (Dh.K.D) isa warri amantii hin qabne hawaasa Yihuudoota muraasaa wajjin fudhaa fi heeruma raawwatanii (cf. 2Mot 17:24-41), sanyiin kurnan warri gara Kaabaa akka deebi'anii baay'atan godhan kan wal qabate ture.

Gartuun namootaa kun Yesuusiin ilaalamanii turan (cf. Yoh. 4). Yesuus Masihii ta'uu isaa dubartiin Samaariyaa sanatti, akkasumas mandarichatti mul'ise (cf. Yoh. 4). Amma Filiphos waa'ee "kiristoos" lallabe, kun immoo afaan Giriikiitti "Masihicha" kan jedhu irraa kan hiikameedha. Kakuu Moofaan YHWH Kakuu inni Isa tokkicha, mootummaa haraa dhaabuu fi bara hafuurichaa isa haaraa labsu erguuf gaaleen wal qabata. Ta'iin kun akka ta'uuf jiru tajaajila yesuus keessatti mul'ifameera, jechoota xumuraa yesuus keessatti addatti seera qabeessummaa argateera (1:8).

**8:6 "tuutni jaraas gurra qeensanii"** Gaaleen "gurra qeensanii" jedhu barreeffamoota Luqaas keessatti baay'ee beekamaadha. Barreeffama 1:14 irra jiru ilaali.

▣ **"milikkita inni hojjetes ni argan"** Kun milikkitoota ergaa Filiphoos mirkaneessan agarsiisa (cf. lakk 7). Hojiin hafuuraa akkasii kun muuxannoo ergama Yesuus, kan warra kudha lamaanii, akkasumas kan warra torbaatamman sanaa wajjin ture.

**8:7** Hafuura hamaadhaan qabamuun dhugaa addunyaa keenya keessa jirudha (cf. Merril F. kitaabota Anger Lamaan: [1] '*Biblical Demonology*' fi ([2] '*Demous in the world Today*').

Mata duree addaa 5:16 irra jiru ilaali.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 8:9-13**
**[9]Mandara sana namichi Simoon jedhamu, qoricha namatti gochuu isaatiin namoota Samaariyaa dinqisiisee, nama guddaa kan ofiin jedhe tokko jira ture. Namoonni mandara sanaa hundinuu xixinnayyootaa hamma gurguddootaatti dubbiin isaa dhugaadha jedhanii fudhatanii, "Namnichi kun, humna Waaqayyoo isa guddaa jedhamee waamamu, of keessaa qaba" jedha. [11]Isaan, Simoon kun yeroo dheeraadhaa jalqabee qoricha namatti gochuu isaatiin waan isaan dinqifachiiseef, isa duukaa rarra'aa turan. [12]Amma garuu namoonni kun, Filiphos waa'ee mootummaa Waaqayyootiif, waa'ee maqaa Yesuus Kiristoos misraachoo yommuu isaanitti lallabe amananii, dhiironnis dubartoonnis ni cuuphaman. 13Simoon ofii isaatii iyyuu amanee, erga cuuphamee molikkitaa fi dinqii gurguddaa, Waaqayyo harka Filiphoosiin hojjete arginaan dinqifatee Filiphos biraa adeemuu jibbe.**

**8:9 "Namicha Simoon jedhamu"** Namni kun dhugaatti amanuun isaa (cf. lakk 13,18) yookiin aangoo waan barbaaduuf qofa kana gochuun isaa sirriitti hin beekamu. Ani kanan shakkisiisaa ta'uu isaa hubadhee lakk. 24 iraati. Waldaan durii nama kana irratti amantaa hammamii akka uummattee xiyyeeffannoodhaan ibsameera, garuu hundi isaa waan qabatamaa hin taanedha (cf. 'The Zonderyan Pictorial Encyclopedia of the Bible, Vol. 5 fuula 442-444).

▣
**NASB, NRSV "tolcha"**
**NKJV, TEV "mora"**
**NJB "aartii tolchaa"**

**MATA DUREE ADDAA: TOLCHA (Qoricha namatti gochuu)**

Bara duriitti namoota gosa gara garaa kan gosa qoricha namatti gochuu gara garaa hojjetantu ture.

1. Warri akka lubootaa ta'anis kan jiran yommuu ta'u, 'Medea' kaaldiyaanota 9chaldeans) jedhaman warra urjii lakka'an irraa kan ta'anidha (cf. Dan. 1:20; 2:2,10,27; 4:7,9; 5:11; Matt 2:1,7,16). Horoodootas, "luboota 'Median'" jedhee isaan waama. Isaan adeemsaa fi taa'umsa Waaqota urjii (kunis pilaaneetota, urjoota, 'constellations', koomeetota) irratti hundaa'uudhaan wantoota gara fuulduraatti ta'an kan dursnaii himanii fi kan to'atanidha.
2. Jireenya Giriikotaa keessatti garee waa'ee Herregaa fi falaasamaa kan paayitaagoriyaanota jedhamantu ture.
3. Gareen warra qoricha namatti godhanii baay'een isaanii, namoota warra wanta umama hundumaa ol ta'e yookiin humnoota uumamaatti hiikaa laachuu danda'u jedhaman of keessaa qabu (cf. Uma. 41:8,24; Ba'u, 7:11,22; 8:7,19; 9:11). Yeroo baay'ee humnoonni (Waaqoliin) kun namummaadhaan kan morman ta'anii mul'atu; gare humna kanaa goruudhaan yookiin abbaa waa'ee isaanii beeku irraan dhiibaa ga'uudhaan humnoota kana to'atanii akka nama fayyadan gochuun ni danda'ama (cf. barreeffama waa'ee qoricha namatti gochuu kan jaarraa sadaffaa fi Arfaffaa (Dh.K.D). Namoonni kun kan isaan gochuu danda'an.
   a. Wantoota gara fuulduraatti ta'an dursanii himuu
   b. Wantoota gara fuulduraatti ta'an to'achuu
   c. Ta'ii fi abjuu waan gara fuulduraa irratti hiika laachuu
   d. Namoota, magaalota, ummattoota, loltootaa fi kkf warra kaan eeguu yookiin abaaruu.
4. Akka (HoE 8:9,11) irratti kaa'ametti, warri qoricha namatti godhan, humnotal al-namaa kan uumaman jiran yookiin humnoota namaa (Hafuurota hamaan) akka fedha isaanii raawwatan gochuu danda'u jedhamanii yaadamu. Kun yeroo baay'ee moosifannaa tolchaa fi Qoricha namatti gochuu of keessaa qaba.

5. Warri qoricha namatti godhan warri "dhugaan", warra akka isaanii ta'anii moosifannaa fi sagada seeraan hin raawwanne iyyuu ni miidhu. Isaan warra qoricha namatti godhan yookiin kan nama gowwoomsan jedhamu turan (cf. HoE 13:6,8; 19:13).
6. Humni Wangeelaa tajaajila Phaawuloos keessaan, yeroo warri duraan qoricha namatti godhan Kiristoositti amananii kitaabota isaanii warra gati jabeessas guban (kunis akkamitti akka hojiisaanii sirriitti hojjetan cf. HoE 19:19), Efesoonitti mul'ateera.
7. Dubbisa dabalataatiif
   a. 'Susan Garrett, *The Demise of the Devil*, Fortress Press, 1989
   b. Merriv Unger, *Biblical Demonology*, Scripture Press, 1967
   c. Hendrik Berkhof, *Christ and the Powers*, Herald Press, 1977
   d. Waller Wink, *Naming the Powers*, Fortress Press, 1984
   e. Clinton Arnold, *Three Crucial Questions About Spiritual Walfare*, Baker, 1997

**8:10 "namichi kun, humna Waaqayyoo isa guddaa jedhame waamame, of keessaa qaba" kun muudama Waaqa isa guddichaa"** (Kuwis, Ze'us) ture. Kun Afaan araamaayikiitti "kun humna Waaqa isa guddaa jedhamuti" kan jedhu ta'uu danda'a. Namni kun Namoota warra kaan gowwomsaa ture. Inni ofii saa iyyuu miidheera ta'a (cf. lakk 9,13).

**8:12 "amanantii"** Mata duree addaa: Amantii, jedhu 3:16, irraa ilaali.

▣
**NASB "misiraachoo lallabuu"**
**NKJV "wantoota ta'an lallabuu"**
**NRSV "misiraachoo labsaa ture"**
**NRSV "ergaa waa'ee misiraachoo"**

Kan jecha Giriikii *evangalizō*, jechu kan jechoota gaarii (*ev*) fi ergaa (*angeliz*ō) jedhaman irraa uumamedha. Jecha afaan Ingilizii kan 'evangelism' jedhu, jecha Giriikii kana irraa arganna. Filiphos seenaa yesuus namoota Samariyaa kanatti hime; isanais amantiidhaan fudhatan.

▣ **"waa'ee mootummaa Waaqayyoo"** waa'ee kanaa irratti mata dureewwan adda lama 1:3 fi 2:35 irraa ilaali.

▣ **"maqaa yesuus Kiristoos"** Mata duree addaa 2:21 irra jiru ilaali.

▣ **"isaan cuuphamaa turan"** Barreeffama 2:38 irra jiru ilaali.

▣ **"dhiironnis dubartoonnis"** Haala galuusaatiin gaaleen kun barbaachisummaa lama qabachuu danda'a.

1. Phaawuloos "dhiirotas dubartootas (cf. 8:3)" ari'achaa ture, garuu wangeellis "dhirotas dubartootas" fayyisaa ture.
2. Amantii Yihudootaa keessatti sirna dhagna qabaa isa jalqabaa keessatti warra dhiira qofatu qooda fudhata, amma garuu wangeela keessatti, dhiironnis dubartoonnis sirna cuuphaa keessatti ni hirmaatu.

**8:13 "Simoon…amanee"** Warri wangeela lallaban baay'een isaanii jecha "amanee" jedhu kana haala baay'ee ibsa laatuun fayyadamuu, garuu Kakuu Haaraa keessatti iddoowwan inni itti (fkn. Yoh. 8:31) wanta jijjiiramuudhaa gadi ta'e agarsiisu jiru (cf. Yoh. 8:59).

Waaqaan barbaadamu jalqaba amanuu qofa miti (cf. Matt. 13:1-9,10-23; 24:13). Ituuma fufanii amanuu fi abboomamuunis mallattoo (ragaa) walitti dhufeenya dhugaa Kiristoosii wajjin qabaachuti.

▣ **"Filiphos biraa adeemuu jibbe"** Kun gocha hin xumuramin jiru kan filannoo agarsiisudha. Toora isaa hubadhu.

1. Inni ni dhaga'e, lakk. 6-7,12
2. Ni arge, lakk. 6-7,13
3. Ni amane, lakk. 13
4. Ni cuuphame, lakk. 13
5. Filiphoosii wajin adeeme, lakk. 13

**BARREEFFANA NASB (KAN FOOYYA'E) 8:14-24**
**[14]Yommus ergamoonni Yerusaalem jiran warri Samaariyaa dubbii Waaqayyoo fudhachuu isaanii dhag'aanii, Pheexirosii fi Yohaannisiin erganiif. [15]Isaan Samaariyaatti gad bu'anii, hafuura qulqulluu akka argataniif amantootaaf kadhatan. [16]Maqaa gooftaa Yesuus duwwaatti cuuphamanii turan malee, hafuurri quqlulluun isaan keessaa nama tokko irratti hin buune. [17]Ergamoonni harka isaanii isaan irra kaa'an, isaan immoo hafuura quqlulluu argatan.**
**[18]Siimoon yommuus harki ergamootaa nama irra kaa'amuudhaan, hafuurichi akka kenname arginaan, horii ergamootaaf fidee. [19]"Harka koo kanaan irra kaa'u hundinuu hafuura qulqulluu haa argatuuf, humna akkasii anaafis immoo kennaa!" jedhe. [20]Pheexiros garuu deebiseefii, "Kennaan Waaqayyoo horiidhaan ni bitama jettee waan yaaddeef, horiinkee si wajjin haa badu!" [21]Yaadni garaa kee Waaqayyoo duratti qajeelaa waan hin ta'iniif ati dubbii kana keessaa hin qabdu, qoodas hin qabdu. [22]Kanaafis hammina kanattii yaada garaa kee geeddaradhu, gooftichas kadhadhu, hamaa yaaduu kee kana dhiifama siif godha ta'a. [23]Yaadni haadhaa'aan akka si keessa guutuee fi cububun akka si hidhate nan arga" jedhe. [24]Kana irratti Siimoon deebisee, "Hadaraa jecha isin anaan jettan keessaa, tokko illee aka kana irra hin geenyeef gooftaan anaaf kadhadhaa" jedhe.**

**8:14 "yommus ergamoonni Yerusaalem jiran warri Samaariyaa dubbii Waaqayyoo fudhachuu isaanii dhaga'anii, Phexiroosii fi Yohaannis erganiif"** Yommuu Yesuus turetti ergamoonni Samaariyaa dhaqanii tajaajiluu dhowwamanii turan (cf. Matt. 10:5). Ergamoonni Hafuurri Qulqulluun haala haaraa fi kana dura hin baramneen namoota akka adaa tureetti jibbamoo ta'an kana gidduu sochoo'uu isaatiif jedhanii qoqobbii mul'inatti isaaniirra ture dhiisuu waan barbaadan fakkaatu. Naannoon kun HoE. 1:8 keessati addumatti caqafameera. Akkuma dhugaa ta'e (jechuunis Isxifaanos), Filiphoos yaada Yesuus isa addunyaa guutuutti wangeela lallabuu hiika jedhu qaba warra kudha lamaan keessan dafee kan fudhate ture.

Yesuusitti amanuu "sagalee/dubbii Waaqayyoo fudhachuu" wajjin tokko akka ta'e hubadhu. Dubbiin Waaqayyoo waan baay'eedhaaf dhaabachuu danda'a.

1. Guutummaatti wal quunnamtii Waaqayyoo ilmaan namaa wajjin qabu
2. Wal-quunamtii Waaqayyo ilmaan namaa wajjin qabu isa barreeffame (Macaafa Qulqulluu)
3. Ilma Waaqayyoo (sagalicha cf. Yoh. 1) isa Waaqayyo yeroo dhumaaf ittiin mul'ate (cf. 1:3).

Pheexiros geggeessaa ergmootaa isa dhugaa ba'amee ture, Yohaannis immoo warra Samaariyaa irratti abidda Waaqa irraa waamuu isaa barbaadee turedha (cf. Luq. 9:54).

**8:15 "Hafuura Quqlulluu akka argataniif amantootaaf kadhatan"** Barumsa ammantii waa'ee fayyinaa Hojii Ergamootaa irratti hundaa'anii dhaabuudhaaf sababa armaan gadiitiif rakkoo baay'eetu jira: tartiibni taateewwaniifi taateewwan sun mataan isaanii barreeffama garaa garaa keessatti garaa garaa. Asitti hafuurri Quqlulluun, akka Phenxekosteetti, warri Samaariyaa Waaqayyo biratti simatamuu isaanii fi fayyuu isaanii kan mirkaneessu ture. Hojii hafuura Qulqulluu malee, jalqaba isaan dhugaatti fayyuu hin danda'an ture (cf. Rom 8:9).

Akka ani yaadutti muuxannoon Phenxepoostee akkina (pattern) lafa kaa'uu danda'a, knis isa Waaqayyo waldaa amantoota warra yihudootaatiif ofuma isaatii gartuu haaraa guutummaan guutuutti samachuu isaa mirkaneessuudhaaf adeemsa namoota sanyii fi lagan garaa gara ta'an keessatti irra dedeebi'ee mul'isedha. Kanaaf Hojii Ergamootaa keessatti mul'achuun Hafuura Qulqulluu (Phenxeqoostee) afaan warra Qoronxoos irraa addadha.

Barreeffamni kun fayyuu ofii mirkaneeffachuudhaaf waan warri Qoronxos argan arguun dirqama ta'uu isaa hin agarsiisu (cf. 1Qor. 12:29-30), tartiiba gaaffilee deebii "lakki" jedhu barbaadu. Luqaas waan yeroo hudna ta'uu qabu tuu hin ta'in waan ta'e barreesse.

**8:16-17** Kun tartiiba taateewwanii HoE 2:38 irraa addadha. Garaa garummaan kun sababa hafuurri quqlulluun hojii murtaa'aa hojjetuufidha. (1) 2:38 keessatti fayyinaan kan walqabate fi (2) 8:16 keessatti phenxeqoosteedhaan kan wal fakkaatu. "Hojii Hafuura Quqlulluu" HoE 2 keessatti ta'etu amma immoo warra Samaariyaa irratti ta'e. Kun bu'aa isaanii duwwaaf utuu hint a'in harka caalaa kiristiyaanota Yihudoota ta'aniifis ture. Waaqayyo warra Samaariyaas guutummaatti simachuu isaa isanaitti agarsiise! Kana jechuun akkaataa jalqaba ittiin fayyan kan sadarkaa lama qabu kan agarsiisu miti.

Kan akka haalli addaa Hafuurri Quqlulluun ittiin gaafa phenxeqostee isaanitti mul'ate akka hin jiree kan hubate Phexirosii fi Yohaanis ta'uu isaa hubadhu. Kun immoo mallattoon dinqisiisaan lallabuu filiiphoosii wajjin ture guutummaatti hojii hafuuraa kan hin agarsiifne ture chuu miti (cf. lakk. 13). Phexirosii fi Yohaannis phenxeqoostee warra Samaariyaa arguu barbaadan! Kun baay'ee barbaachisaa sababni ta'eef Pheexiros Qonelewos haala walfakkaataa keessa darbuu isaatiin Waaqayyo loltuu warra Roomaa fi maatiiisaa guutummaan guutuutti simachuu isaa waan beekeef ture. Wangeelli nama hundumaafidha. Kun dhugaa guddaa wanti HoE 8:16 kun phenxeqoostee warra Samaariyaa jedhamuu danda'a!

**8:17** Kun harka nama irra kaa'uun dirqama ta'uu isaa barreeffama mirkaneessuu miti. Tartiibni kaayyoo kanaa irra deebi'amee Hojii Ergamootaa keessatti hin mul'atu. Kun aangoo fi humna ergamootaa agarsiisuu danda'a. Mata duree addaa: Harka irra kaa'uu 6:6 irra ilaali.

**8:20** Gaaffiin akka gaaffii amantii kaasuu dandeenyu waa'ee hiree Simooni. Inni ni fayya moo hin fayyu? Jechi Phexiros akka abaarsaati yookiis akka akeekachiisaatti fudhatamuu danda'a. Amantoonni haaraan hundumtuu waa'ee wangeelaa odeeffannoo dogoggoraa qabu, garuu gaafiin Simoon ofittummaa of keessaa qabaa? Namoonni keessa isaanii gaaffiin ol aantummaa utuu jiruu fayyuu ni danda'u?

▣ **"kennaa Waaqayyoo"** Asitti Hafurri hojii Waaqayyo namummaa cubuu fi haminaan guuteef godhu hundumaaf dhaabbata (cf. Isa 55:1-2; Erm. 31:31-34; Hisq. 36:22,38; Luq 11:13; HoE 2:38)

**8:21 "ati dubbii kana keessaa hin qabdu, qoodas hin qabdu"** "kana keessaa" inni jedhu (*meris*) waan walitti qaban keessa jechuudha. Asitti fi 2Qor 6:15 keessatti yaada al ta'aa qaba.

Jechi inni lammaffaa "qooda' (*klēros*) jedhu, isa Kakuu Moofaa keessatti "muka buusuu", kakuu ittiin fedha Waaqayyoo beekan (*Urimi* fi *Thummin*) kan agarsiisu ture. Isaan lafa Kakuu sana gosoota Israa'eliif hiraa turan (cf. Iya. 12-19). Kanaaf, kun dhala agarsiisa. Jechi kun akka afaan ingilizitti "lubootaaf" kan dhaabatudha. Kakuu Haaraa keessatti garuu amantoota hundumaa agarsiisa.

▣ **"yaadni garaa kee Waaqayyo duratti qajeelaa waan hin ta'iniif"** Kun karaa biraa Far. 78:37 kan agarsiisudha. Jechoonni "qajeelaa" fi "haqa" jedhanii fi kanaan kan wal qabatan, leemana galaanaa Mesootamiyaa keessatti argamu irraa kan dhufanidha. Kunis faana 15 hanga 20 kan dheeratuu fi qajeelaa turetti. Waaqayyo jecha hojii ijaarsaa keessatti (qajeelaa ta'uu dalgee keenyaanii kan ittiin ilaalan) itti fayyadaman kana amala ofii isaa ittiin ibsuudhaaf fudhate.

Waaqayyo sadarkaa quqlullinaa, qajeelfama kan kennu, fi qajeelaa handaara ta'e kan ittiin nama hundumattii fardaamudha. Kanaan yommuu ilaalamu, hundumtuu qormaata kana hin darbu (cf. Rom 3:9-18,23).

**8:22 "yaada garaa kee geeddaradhu"** Kun raawwii atatamaa ajaja agarsiisudha. Barreeffamaa fi mata-duree addaa 2:38 irraa ilaali.

▣ **"kadhadhu"** Kun AJAJA YEROO DARBEE kan agarsiisudha. Waaqayyoo wajjiin haasa'uun Waaqayyoo wajjin quunamtii qabachuudhaaf ragaadha, balleessaa ofii amanuudha, gara qalbii diddiirannaatti geessa. Hafuurri nama keessa jiraachuu isaatiif ragaadha!

▣ **"ta'a"** Kun akka ejjeennoo barreessichaatti ykn barreeffama isaatti akka dhugaatti fudhatama. Hima kan akeessatti raawwii fedha Simoon yaada garaa geeddarachuu fi dhiifamaaf kadhachuuf qabu irratti hundaa'uu agarsiisa. Yaadni isaa fi hojiin isaa amala kiristiyaanummaa irraa baay'ee kan fagaate ture.

▣ **"hamaa yaaduu kee"** Cubbuun yaadaan jalqabama. Barsiisonni amantii akka jedhanitti sammuun namaa akka lafa qotamee sanyii itti facaasuuf qohaa'eeti. Wanti nuyi ija keenyaa fi gurra keenyaa ol galchinu hidda godhata. Yoo irratti hirannee yaadni kun gochatti jijjiirama. Kakuu Haaraan kanaaf akka "mudhii yaada keenyaa jabeeffannu" (cf.1Phex. 1:13) ykn "yaada garaa keenyaa haarefannu" (cf. Rom 12:2; Efe. 4:23) qabnu dubbata.

**8:23**
**NASB, NRSV "jibba hadhaa'aa"**
**NKJV "hadhaan kan guute"**
**TEV "hinnaaffaa hadhaa'aadhaan kan guute"**
**NJB "hadhaa jibbaa"**

"jibba" (*cholē*) fi "hadhaa" (*pikros*) jechoonni jedhan lamaanuu hafuura hadhaa, yeroo baay'ee haarii fi amanamummaa dhabuudhaan walqabtudha (cf. keessa deebii 29:18; 32:28,33; Ibi. 12:15). Phaawuloos jecha "haadhaa" jedhu wantoota dhiisuun nurra jiru yeroo tarreessuu baay'inaan itti fayyadama (cf. Rom. 3:14; Ef. 4:31).

▣
**NASB "warra firdii jal'aadhaan hidhaman"**
**NKJV "firdii jal'aadhaan warra qabaman"**
**NRSV "cancala jal'inaa"**
**TEV "hidhaa cubuu"**
**NJB "cancala cubbuu"**

Kun karaa biraa hojii Masihichaa kan agarsiisu ta'uu danda'a (cf. Isa. 58:6). Yesuus akkuma adaba cubbuu jalaa isa hike Simoon qabaa aangoo foonii irraas hiikuu danda'a. Cubbuun karaa lama ilaalama. (1) foonii fi hafuuraan du'uu fi (2) isa jireenya cubbamootaa to'atu (warra fayyanis warra hin fayyines ni miidha, cf. 1Qor. 3:1-3). Cubbuun yeroo keessa jirruufis ta'e bara baraaf furmaata argachuu qaba; adabni isaa fi humni isaa ka'uu qaba, garuu kana gochuu kan danda'u Kiristoosii fi Hafuura duwwaadha, garuu nuyi akka amantootaatti isaaniif ayyamuu qabna!

**8:24 "gooftaa anaaf kadhadhaa"** Kun gurmuu tajaajiltootaa sana hunda kan ilaalatu ta'uu danda'a. Simoon jecha Phexiros lakk 22 irraa irra deebi'a. Jechoonni Pheexiros isa sodaaachisaniiru. Akka Simoon amanaa ture nan amana, garuu haaraa fi mucaa ture.

**BARREEFFANA NASB (KAN FOOYYA'E) 8:25**
**25Ergamoonni sun waa'ee Yesuus dhugaa ba'anii, dubbii gooftaa dubbatanii, gandeen warra Samaariyaa baay'eetti wangeela lalalbaa Yerusaalemitti deebi'an.**

**8:25 "dhugaa ba'anii"** Yaada 2:40 irra jiru ilaali.

▣ **"gandeen warra Samaariyaa baay'eetti wangeela lallabaa"** kun ergamoonni ilaalcha warra Samaariyaatiif qaban jijjiiruu isaanii mul'isa.

"dubbii gooftaa fi "wangeela" kan jedhu hiikaa tokko waan qaban fakkaatu.

**BARREEFFANA NASB (KAN FOOYYA'E) 8:26-40**
**26Ergasii ergamaan Waaqayyoo Filiphosiin, "ka'ii, waareetti gara mirgaa gara karaa onaa, isa Yerusaalemii Gaazaatti geessuu dhaqi!" jedhe. 27Filiphos yommuus ka'ee dhaqe. Kunoo, namichi xu'aashiin tokko itti dhufe; namichi kun qabeenya "kan daakee" motittii warra Itoophiyaa hundumaa irratti abboomaa ture; inni Waaqayyoof sagaduudhaaf Yerusaalem dhaqee ture 28Utuu achii galuus konkolaataa kottee duudaadhaan harkifamu irra taa'ee, Macaafa raajichaa Isaayyaas dubbisaa ni adeema. 29Hafuurri Quqlulluun yommuus Filiphosiin, "Konkolaataa kanatti dhi'aadhuutii, isa duukaa**

**adeemi!" jedhe. [30]Filiphosis konkolaataa sanatti fiigee, namichi Macaafa Isaayyaas raajichaa utuu dubbisuu dhaga'e, "waan dubbisuutti jirtu kana hubattaa?" jedhee isa gaafate. [31]Namichi immoo, "Utuu namni anaaf hin ibsin attamittan hubachuu danda'a?" jedhee deebiseef akka Filihos konkolaataa yaabee isa bukkee taa'uufi ni kadhate." [32]Dubbiin macaafnichaa inni debisaa ture, "Inni akka hoolaa qalamuudhaaf geeffame, akka ilmoon hoolaa, namni rifeensa ishee yommuu muro sagalee ishee hin dhageessifne, akkasumas innis afaan isaa hin saaqqatu. [33]Nama gad deebi'aa waan ta'eef,dhugaan isaa hin ilaalamne; hidda dhala dhala isaas eenytu hima ree? "Jireenyi isaa lafa irraa nifuudhama" kan jedhu ture. [34]Namichi Itophiyaa sun yommus Filiphosiin "Raajichi waa'ee eenyuutiif kana dubbata? Hadaraa *anatti himi*! Waa'ee ofii isaatii moo yookiis waa'ee nama biraati?" jedhee gaafate. [35]Filiphos kutaa macaafa kanaatii jalqabee, waa'ee Yesuus misiraachoo itti himuutti ka'e. [36]Utuma karaa sana adeemanii, bishaan tokko bira ga'an; namichi immoo Filiphosiin, "Bishaan kunooti, akka ani hin cuuphamneef maaltu na dhowwaa?" jedhe. [37]Filiphos yommus, "Garaa kee hundumaan yoo amanteef, siif ni danda'ama" jedheen; kana irratti inni, "Yesuus Kiristoos ilma Waaqayyoo akka ta'e nan amana" jedhee deebise" [38]Namichi immoo konkolaatichi aka dhaabatuuf abboome; Filiphosii fi namichi bishaan keessa lixanii, Filiphos isa ni cuuphe. [39]Bishaanicha keessa yommuu ba'an, hafuurri gooftaa Filiphosiin butee, fuudhe adeeme. Namichi deebi'ee isa hin argine, haa ta'u iyyuu malee, karaa isaa itti fufee ammadaa adeeme. [40]Filiphos garuu Azoxonitti argamee, biyyicha keessa naanna'ee, mandara hundumaatti wangeela lallabaa mandara Qisaariyaa dhufe.**

**8:26 "ergamaan Waaqayyoo Filiphosiin"** Asitti "eramaa Waaqayyoo" fi "Hafuura Quqlulluu"n hiikaa walfakkaataa waan qaban akkaatan (cf. v. 29). Kun Hojii Ergamootaa keessatti beekamaadha. Yaada 5:19 irra jiru ilaali.

▣ **"ka'ii waareetti gara mirgaa gara karaa onaa..dhaqi"** kun ajaja agarsiisa. Kun karee Gibxii dhaqan lamaan keessaa tokko agarsiisuu danda'a. Ergaan kun murtaa'aa waan ta'eef hubatamaadha. Kun karoora wangeela lallabuu Waaqayyoon qophaa'e ta'uun isaa beekamaadha (akka Phaawuloos).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"(*kun karaa lafa onaati*)"** |
| **NKJV** | **"kun lafa onaadha"** |
| **NRSV** | **"(kun *karaa gammoojjii*ti)"** |
| **TEV** | **"(karana kun har'a kan gargaaru miti)"** |
| **NJB** | **"karaa lfa onaa"** |

Kun yaada Luqaasiin kennamee, Luqaas madda isa aifa gochuu barbaadee, moo kun yaada madda Luqaas irraa dhufedha (Filiphos ta'uu danda'a, cf. HoE 21:8)? Gaaffilee kana sirriitti deebisuunhin danda'amu. Namoonni gara garaa baay'een hirmaatan illee barreeffamuun Macaafa Quqlulluu yaadni gaggaariin tasa maddan baay'inaan kan keessatti argamanidha.

**8:27 "xu'aashii" Jechi "xu'aashii"** jedhu "murattee" jedhamee jecha jechaan hiikama. Garuu, qaamaan xu'aashii turuun isa ayookiin salhaadhumatti nama mana murtii keessa hojjetu ta'uunisaa beekamaa miti. Kakuu Moofaa keesatti Phoxiifaar xu'aashii jedhameera, garuu nama haadha manaa qabudha (cf. Uma. 39:1). Kakuu Moofaa keessatti, Keessa 23:1 Xu'aashiin akka hawaasa Yihudootaatti hin dabalamne ni dhowwa; garuu Isa 56:3 keessatti, daangaa kunka'eera. Kun mul'inatti barri haaraan hafuuraa barri'uu isaa agarsiisa. Namni kun mana Waaqayyoon sodaaatu yookiis nama haaraa amane ta'uun isaa sirriitti hin beekamu. Gaalee "miseensa mana murtii" jedhu anga'aa gudda akka inni ture agarsiisa.

▣ **"kandaakee, mootittii warra Itoophiyaa"** kandaakeen muudama akka "Fara'oon" ykn "Qeesar" ta'edha. Sababni mootiittiin caqafamteef, sababa mootiin warra Itoohiyaa akka Waaqa tolfamaatti ilaalamuuf ture, kanaaf, dhimma bulchiinsaa fi siyaasaa sasalhaan isa hin ilaallatu ture.

**8:28 "Macaafa raajicha Isaayyaas dubbisa"** Namichi kun maraa gogaa Macaafa Isaayyaas raajichaa gatii baay'ee minyaa tureen bitee t'auu danda'a, kun faana 29 ol dheerachuu danda'a (jechunis tokko galaana ashaboo keessaa isa argamedha). Geggeessaa hafuuraatiin, Macaafa Isaayyaas raajichaa waa'ee Masihichaa dubbatu Isa. 53:7-8 keessaa dubbisaa ture.

**8:29 "Hafuurri Quqlulluun yommus Filiphosin, 'konkolaataa kanatti dhihaadhuutti isa duukaa adeemi!'"** jedhe. Kun raawwii yeroo darbee kan agarsiisudha. Kana jechuun "xiyyeeffannoo kenniif" jechuudha. Hafuurri Qulqulluun Filiphosiif geggeessaa kallattiidhaan waan hundumaa irratti kennaafi jira.

**8:30 "Filiphos konkolaataa sanatti fiigee, namichi macaafa raajicha Isaayyaas utuu dubbisuu dhaga'e"** Warri durii yommuu kophaa ta'an illee sagalee ol kaasanii dubbisu.

▣ **"waan dubbisuutti jirtu kana ni hubattaa?"** Gaaffii guddaa akkamiiti! Macaafa Qulqulluu utuu yaada isaa dubisuun ni danda'ama. Hafuurri Quqlulluun Filiphosin gara "beellama Waaqayyoo" isa

1. Barri haaraan bari'uu isaa agarsiisu;
2. Namoota gartuu biraatiif dhuga ba'umsa humna qabu kennu, itti oofaa ture

**8:31** A.T.Robertsoniin kitaabni barreeffame, "*Word ictures in the New Testament*" lakkoofsa kana irratti yaada kenna, "Himni kun hima ta'innaa wal makaa agarsiisudha"

**8:32-33** Kun kan fudhatame Macaafa Qulqulluu afaan Giriikii keessaa, barreeffama waa'ee Masihichaa dubbatu Isa. 53:7-9 irraati. Lakkoofsonni kun utuu lakkoofsonni Kakuu Moofaa keessaa waa'ee Masihichaa dubbatan xiyyeeffannaa hin argatin xiyyeeffannaa argachuun isaanii na ajaa'ibsiisa. Garuu, Filiphosi, iddoo inni dubbisaa turee ka'ee guutummaa dubbisa jireenya, tajaajila, du'u isaa, fi du'a aka'uu Yesuus nama Naaziret barsiisu ibseef. Raajiin Kakuu Moofaa raawwatameera, karaa Kiristoos dhifama argachuunis hundumaaf kenname!

**8:35 "Filiphos…itti himutti ka'e"** Kun giddu galeessummaa barreeffama Kakuu Moofaa waa'ee wangeela labsuudhaaf "hojjetaa isa dhihatuu" ilaallatuu agarsiisa. Akka ani amanutti, Yesuus ofuma isaatii waldaa ishee jalqabaatiif raajiiwwan durii akkamitti waa'ee isaa akka ibsan agarsiise (cf. Luq. 24:27).

**8:36 "Bishaan kunooti, akka ani hin cuuhamneef maaltu na dhowwa?"** Ergaan wangeelaa Filiphos cuuphaas kan dabaltu ture (cf. Mat. 3:28:19; HoE 2:38; Rom. 6:1-11; Qol. 2:12)! Nama haaraa amane cuuphuudhaaf ergamoota Yerusaaleem turan irraa heyyama akka inni hin barbaanne hubadhu. Cuuphaan dhimma miseensummaa waldaa utuu hin ta'in dhima mootummaa Waaqayyooti. Waa'ee barmaatilee waldoonni hordofanii isa bishaan Macaafni Quqlulluun lafa kaa'e hamma sadarkaa tartiiba gochaatti illee xureessan irraa of eeggachuu qabna. Xu'aashiin sun waa'ee fudhaamuu isaatiif yaada'eeraa?

1. Dhimma sanyummaa
2. Dhimma waan qabatamaan wal-qabate.
3. Dhimmoota Hawaasummaa fi dinagdee
4. Dhimma waa'ee barsiisa amantii

Yesuus Kiristoos keessatti gufuun hundumtii kan buqqa'edha (cf. Efe. 2:11-3:13). Fedhii eenyuu yoo dhufu illee!

**8:37** Lakkofsi kun, dhuga ba'umsa xu'aashichaa kan ibsu yommuu ta'u, barreeffamoota Giriikii durii, p45 (barreeffama Chester Beetii), p74 (barreeffama Boodmer) yookiin barreeffamoota Giriikii durii x///////A,B yookiin C keessatti garuu kun hin ibsamne; akkasumas barreeffamoota laatiinii durii, siiriyaa, kooptikii (afaan Gibxii durii) yookiin hiikaawwan Itoophiyaa keessattis hin bisamne. Lakkofsi 37 jalqabatti macaafa Hojii Ergamootaa keessa hin turre. Keessaa hafuun isaa UBS[4] irratti sadarkaa "A" argateera, kana jechuun shakkii hin qabu (sirriidha) jechuudha. Barreeffama NASB maxxansa (1970) keessatti iyyuu hin hammatamne, garuu isa fooyya'e (1995) keessatti hammatameera.

**8:38-39 "bishaan keessa lixanii…keessaa yommuu ba'an"** Kun barreeffama, keessa licisiisuudhaan cuuphuudhaaf ragaa (mirkana) ta'u miti. Barreeffamichi (akka galumsa gosa (akkaataa) cuuphaa kan agarsiisu miti. Loogii duraan qabduuf of eeggadhu!

**8:39 "hafuurri gooftaa Filiphosin butee, fuudhee adeeme"** Kun ta'ii dinqii akka kan eliyaas (cf. 1Mot. 18:12; 2Mot. 2:16) yookiinkan Hisqeel (cf. Isq. 3:14; 8:3), yookiin immoo salphaadhumatti battalumatti deemuu isaa kan ibsu ta'uu isaatiif wanti qabatamaatti beekamu hin jiru. Amanuu namichaa kan keessatti Hafuurichi itti dhiheenyaan wajjin ture. Hubadhu, hordoffiin walitti fufiinsa qabuu fi gaaffii fi deebiidhaan barsiisuun hin godhamne ta'a, garuu namichichi Macaafa Isaayyaas Raajichaa fi Hafuuricha qaba ture!

▣ **"karaa isaa itti fufee gammadaa adeeme"** Misiraachoo yeroo hundumaa gammachuu wajjin adeema (cf. 8:8). Ireyaanas (Ireaneus), namichi kun namoota Isaatti nama wangeela lallabu (hojjetaa wangeelaa) ta'e jedhee caafeera. Hafuurichumti ofii isaatiif duukaa bu'ee barsiiseera jechuun ni danda'ama (Haafurichi ofiidhuma isaatiif duukaa bu'ee hordofuu ni danda'a).

**8:40** Filiphos karaa isaa gara manaatti yommuu galaanarra gara Qisaariyaa dhaqu, tajaajila isaa Aashdood magaalaa Phaalestiinaatti ittuma fufe. Filiphos warri Samaariyaa fi naichi Itoophiyaa sun amanuun isaanii wangeela addunyaa guutummaatti lallabuu keessatti hiikaa inni qabu hubachuunisaa beekamaadha. Wangeelli warra Phaalestiinaa iyyuu of keessatti hammateera!

## GAAFFILEE MARII

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Quqlulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun akkasumas Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabaa qabdu. Kana immoo yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffiileen marii kunkan isaan dhiyaatan, wantoota gurguddoo kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadduuf si gargaaruufidha. Gaaffileen kun yaad kan kaasaniidha malee ibsa kan irratti laatan miti.

1. Waqayyo aka ari'atamni waldaa ishee jalqabara irratti ka'uu maaliif hayyame?
2. Wagneelli warra Samaariyaatti maaliif akkasitti xiyyeffannoodhaan lallabame?
3. Simoon nama amane turee?
4. Warri Samaariyaa yeroo amanan maaliif hafuura Qulqulluu hin fudhanne?
5. Namichi Itophiyaa sun namoota akkamii bakka bu'a?
6. Lakkofsi 37 maaliif Macaafa Qulquluu hunda keessatti hin barreeffamne?

# HOJII ERGAMOOTAA 9

## HIIKAA HAARAA KEYYATAAN HIIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Jijjiramuu Saa'ol | Karaa Damaasqoo: Saa'ol ni jijjiirame | Amanuu Saa'olis xarsees | Amanuu Saa'ol | Amanuu Saa'ol |
| 9:1-9 | 9:1-9 | 9:1-9 | 9:1-2 | 9:1-2 |
| | | | 9:3-4 | |
| | | | 9:5a | |
| | | | 9:5b-6 | |
| | | | 9:7-9 | |
| | Anaaniyaas Saa'oliin cuuphe | | | |
| 9:1-19a | 9:10-19 | 9:10-19a | 9:10a | 9:10-12 |
| | | | 9:10b | |
| | | | 9:11-12 | |
| | | | 9:13-14 | 9:13-19a |
| | | | 9:15-16 | |
| | | | 9:17-19a | |
| Saa'ol Damaasootti lallabe | Saa'ol Kiristoosiin lallabe | | Saa'ol Damaasqootti lallabe | Saa'ol Damaasqootti lallabe |
| 9:19b-22 | | 9:19b-22 | 9:19b-20 | 9:19b-22 |
| | 9:20-22 | | 9:21 | |
| | | | 9:22 | |
| Saa'ol Yihudoota jalaa ba'e | Saa'ol du'a jalaa ba'e | Saa'ol yeroo duraaf Yersuaalem dhaquu isaa | | |
| 9:23-25 | 9:23-25 | 9:23-35 | 9:23-25 | 9:23-25 |
| Saa'ol Yerusaalemitti | Saa'ol Yerusaalemitti | | Saa'ol Yerusaalem keessatti | Saa'ol Yerusaalemiin do'achuu isaa |
| 9:26-30 | 9:26-30 | 9:26-30 | 9;26-30 | 9:26-30 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Waldaa ni guddatee | | | |
| 9:31 | 9:31 | 9:31 | 9:31 | 9:31 |
| Eneyaas fayyifamuu isaa | Eneyaas ni fayye | Pheexiroos gara Liidaa fi Yopheetti deemuu isaa | Pheexiroos Yopheetti Liidaa arge | Pheexiroos Yopheetti namicha dhagni isaa gara tokko du'e fayyise |
| 9:32-35 | 9:32-35 | 9:32-35 | 9:32-35 | 9:32-35 |
| Dorkaas jireenyati deebite | | | | Pheexiroos Yopheetti dubartii tokko du'aa kaasu isaa |
| 9:36-43 | 9:36-43 | 9:36-43 | 9:36-43 | 9:36-38 |
| | | | | 9:39-43 |
| | | | | 9:43 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A guide to good Bible reading" fuula vii irraa)**
***SADARKAA KEYYATAATTI YADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HOROFUU***

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Quqlulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiika laachaa keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haraa shananiin madaali. Keeyyataan hiiruundirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordufuudhaaf furtuudha, kunimmoo giddugaleessa hiikichaati. Tokkoon tokkon keeyyata gulummootokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoffaa
2. Keyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkf

**HIIKAA GALUMSAA**

A) Xiyyeeffannoon Macaafa Hojii Ergamootaa ergamaa Pheexiroos irraa gara ergamaa Phaawuloositti jijjiramaa jira, phalestiinaadhaa hanga addunyaa Medetereniyaaniitti, Yihudootaa hanga Ormootaatti.

B. Amanuun Phaawuloos seenaa waldaa kiristiyaanaa keessatti baray'ee barbarachisaa yommuu ta'u, Macaafa Hojii Ergamootaa keessattis si'a sadii barreeffameera.
   1. Luqaas kan barreesse, 9:1-30
   2. Phaawuloos, ofii isaatii Yerusaalemitti ummata fuulduratti kan innid ubbate, 22:3-16

3. Phaawuloos Qiisaariyaatti Agriiphaa II duratti, 26:4-18
4. Phaawuloos dabalataan waa'ee yeroo walfakkaataa kana ifatti ibseera, Gal. 1:13-17 fi 2Qor. 11:32-33 keessatti ifatti ni dubbata.

C. Wal-fakkeenyi ergaawwan Isxifaanosii fi Phaawuloos gidduu jiru beekamaadha. Phaawuloos, Yihudoota afaan Giriikii dubbata warruma Isxifaanos itti lallabe tajaajiluu jalqabe. Phaawuloos, lallaba Isxifaanos isa, HoE 7 (cf. 7:58; 8:1;22:20) irrati barreeffame dhaga'eera. Phaawuloos, geggeessitoota waldoota Giriikii warra Yerusaalem jiranii, warra Isxifaanosiin mormantii fi balleessan keessaa tokkodha jechuun iyyuu ni danda'ama.

B) Wantoota akka Phaauloos amanuuf sababa ta'an muraasa
1. Amantiin Yihudootaa nagaa fi gammachuu keessaa namaaf kennuu dadhabuu isaa
2. Jireenyii fi barsiifni Yesuus naannoo manneen amantiitti (kkeessumaa Yerusaalemitti) sirriitti baramuu isaa
3. Inni lallaba Isxifaanos dhaga'ee, du'a isaas argeera (Isxifaanosiin mormeera iyyuu ta'uu danda'a)
4. Inni amalaa fi amantii kiristiyaanonni ari'atama keessatti qaban argeera.
5. Ofii isaatiif Gooftaa isa du'aa ka'e arguun isaa waan hundumaa jijjiire.

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 9:1-9**

**[1]Saa'ol amma illee bartoota gooftaa doorsiisuudhaaf ajjeesuutti banbanaa gara angafa lubootaa dhaqee. [2]Warra daandii wangeelaa irra adeeman yoo arge, dhiirotas ta'u dubartootas ta'u, hidhee gara yerusaalemitti fiduudhaaf barbaade. Kanaafis ajaja manneen sagadaa Damaasqootti akka isaaf caafuuf, angafa lubootaa gaafate. [3]Utuu adeemuus Damaasqootti dhi'aate, kunoo dingata ifni Waaqa irraa naannoo isaatti balaqeessa'e. [4]Lafa dah'ees sagalee, "Saa'ol, Saa'ol, maaliif na ari'atta?" jedhu dhaga'e. [5]Inni immoo, "Eenyu ati yaa gooftaa?" jedhee. Sagalichis deebisee, "Ana, Yesuus kan ati ari'attu; [6]Garuu, ka'ii, gara mandaraatti xixi! Waan gochuun siif ta'us sitti ni himama" jedheen. [7]Namoonni warri isaa wajjin adeemaa turan, calluma jedhanii dhaabatan malee, waa dubbachuu hin dandeenye; isa dubbatus sagalee isaa dhaga'uu irraa kan hafe, nama tokko illee hin argine. [8]Saa'ol lafaa ka'ee ija isaa yommuu bane, Waan tokko illee arguu hin dandeenye; kanaafis hirka isaa qabanii Damaasqootti galcha. [9]Hamma guyyaa sadiitti waa arguu hin dandeenye; yeroo sanatti homaa hin nyaanne hin dhugnes.**

**9:1 "Saa'ol amma illee,...doorsisuudhaaf ajjeesuutti banbanaa"** Kun jecha jechaan yommuu hiikamu, "himimsuu" jechuudha. HoE 26:11 keessatti, Phaawuloos isaanitti banabanaa ari'achaa akka ture nidubbata. Inni kiristiyaanota toko tokko ajjeeseeras jedhama (cf. 8:1).

▣ **"bartoota Gooftaa"** Jechi kun barattoota jechuudha. Kun isa kan argamu, wangeelotaa fi macaafa Hojii Ergamootaa keessatti qofadha. Jechi kunutuu hin turinjecha "qulqulloota" jedhuun bakka bu'u. Baray'ina jechoota boqonnaa kana keessatti, namoota Gooftaa ibsuuf fayyadanii hubadhu.
1. bartoota, lakk 1,10,19,25,26,26,38
2. daandii wangeelaa, lakk 2
3. qulqulloota, lakk 13,32,41
4. obboloota,lakk 17

▣ **"gara angafa lubootaa dhaqee"** kun akkuma ifatti mul'atutti luboota warra angafootaa fi warra biyya seerratan kan agarsiisudha (cf. HoE 26:10). yada waa'ee warra luboota angafootaa fi warra biyya seerratanii 4:5 irraa ilaali.

**9:2 "ajaja manneen sagadaa Damaasootti akka isaaf caafuuf"** Mootummaan Roomaa, Luboota warra angafootaaf, akka isaan wantoota manneen sagadaa keessatti ta'an to'ataniif yookiindhimma Impaayericha keessatti jireenya Yihudootaatiin wal qabate iratti aangoo murtaa'aa kenneefii ture (cf. 1Macc. 15:16-21 ylliin Jooseefas, Antiq 14:10:2). Amantiin Yihudootaa, addunyaa Giriikoo-Roomaa keessatti amantii beekamaa fi seera qabeesa ture. Kun xalayoota, Yihudoota warra kiristiyaana ta'ankanneen ari'atama yerusaalemiitti Yihudootaan isaan irra ga'u baqatanii deeman qabanii deebisuudhaaf barreeffamanidha jechuun ni danda'ama (cf. 9;14,21; 22:5; 26:10).

▣ **"yoo"** Kun hima sadarkaa sadaffaa kan haalarratti hundaa'e yommuu ta'u, gocha ta'uu danda'u jechuudha.

▣ **"daandii"** Kun kan amantoonni duraanittiinbeekamanidha (cf. 19:9,23; 22:4; 24:14,22 fi 18;25, 26 ta'uu danda'a). Kun haala amantiin Kakuu Moofaa, isa amantii akkaataa jiraanyaa kan agarsiisudha (cf. Far. 1:1; 119:105; Fakk. 4:10-19). Yoh. 14:6, irra dubbiin jiru, mata duree kana kan agarsiisu ta'uu danda'a.

▣ **"dubartootas"** dubartoonni yeroo sadii ibsamuun isaanii, ari'achuun Phaawuloos hammam ahammaataa akka turedha (cf. 8:3; 22:4).

**9:3 "Damaasqootti"** Kun magaalaa durii, kan magaalaa guddittii bulchiinsa Roomaa isa siiriyaa kan kaaba/kaaba baha Galiilaa taatedha.

▣ **"kunoo dingata"** Jechi kunis wanta "utuu hin eegamin" ta'e kan agarsiisudha.

▣ **"ifni Waaqa irraa"** Phaawuloos, Hojii Ergamootaa keessatti waa'ee ifa kanaa karaa garaa garaatiin yeroo sadii ibseera.

1. "Ifni Waaqa iraa naannoo isaatti balaqeessa'e" (9:3)
2. "Ifni baray'ee guddaan tasa Waaqa irraa tasa naannoo koo hundumaatti balaqqeessa'e" (22:6)
3. "Ani karicha irratti ifa Waaqa irraa, Aduu caala kan ibsu, utuu inni naannoo koo hundumatti ifuu nan arge" (26:13)

Phaawuloos ta'ii kana sirritti yaadata! Ifni kun akka ti'ooloojii/qabatamaatti ulfinaan YHWH fi bara walaalummaa isaaniitti Israa'elootaa wajjin jiraachuu isaa kan agarsiisu ta'uu danda'a. Akka yaada Hibrootaatti "ulfina" yaadni jedhu, ta'ii seenaa kanaan wal-qabtee akka ifa guddaatti ibsama (mata duree addaa: ulfina jedhu 3:13 irraa ilaali). Ifni kun Saa'olitti Rabbiin agarsiiseera ta'e, kunis jiraachuu Waaqayyoo ta'uu danda'a (dhuunfaatti namatti mul'achuu isaa).

**9:4 "sagalee...dhaga'e"** Sagaleen waaqa irraa dhaga'amu kun Amantii Yihudootaa keessatti waan beekamudha. Innis 'batu kol' jedhamee beekama. Kun Yihudootaaf karaa isaan ittiin Waaqayyo irraa waa dhaga'an/mirkaneeffatan umeeraaf (yeroo Macaafa Quqlulluu, isa xumura bara milkiyaasii kaasee hanga tajaajilli Yohaannis cuuphaa eegalutti jiru). Mul'anni akkasii kun kan inni barbarachiseef, bara sanatti raajonni hafuura qulqulluudhaan raajii dubbatan waan hin jirreef ture.

▣ **"Saa'ol, Saa'ol"** Hibroota keessatti, maqaa irra deebi'anii waamuun kun xiyyeeffannoo kan agarsiisudha.

▣ **"maaliif na ari'atta"** Kun ti'ooloojii baray'isee barbarachisaa ta'edha, sababiin isaas kun walitti fufiinsaa fi tokkummaa Yesuusii fi waldaa isaa gidduu jiru kan agarsiidha (cf. Matt. 10:40; 25:40,45). Phaawuloos waldaa kiristiyaanaa ari'achaa ture, garuu Yesuus akka ofii isaatiitti fudhate. HoE 26:14 irraa, Yesuus Phaawuloositti kan inni dubbate Araamaayikiidhaan ta'uu isaa ni hubanna.

Kiristiyaannummaan nama tokko (Yesuus) akkasumas, garee (waldaa kiristiyaanaa) ta'uun isaas akkaataa ti'ooloojiitti baray'ee barbarachisaadha. Wantoonni waldaa kiristiyaanaa agarsiisan:

1. Qaama
2. Maatii
3. Ijaarsa

4. Qulqulloota

Hundumtii isaa tokkummaa amantii (cf. 1Qor. 12:7) ciminaan kan ibsudha. Innis dhuunfaatti kan eegalu yommuu ta'u, garuu gara gurmuutti deema (beekumsaa fi dhimmamuu). Tokkummaa dhuunfaa kun dubbii Phaawuloos rom 5:12-21 keessatti waa'ee Addaamii fi waa'ee Kiristoos dubbate keessatti ni mul'ata. Inni tokkichi qaama isa hundumaati; Inni tokkichi isa kaan hundumaa miidhuu ni danda'a (cf. Iya. 7).

**9:5a "eenyu ati, yaa gooftaa"** Phaawuloos "gooftaa" jechuun isaa maal agarsiisuu isaati?
1. Obbo, kabaja kan agarsiisu (Fakk. Yoh. 4:11)
2. YHWH, Kakuu Moofaa keessatti Gooftaa kan jedhame (Fakk. Uma. 2:4)

Yoo dinqisiifachuu isaati ta'e, #1 tu ta'a, garuu ifni Waaqa irraa kun hojii gooftaa kan agarsiisu yoo ta'e, #2tu ta'a. Yoo #2tu ta'a ta'e, barsiifni amantii Phaawuloos barsiise qoramuu isaati. Kun yeroo attam wallaachisaa fi sodaaachisaa ta'edha!

**9:5b-6b** Jechoonni (xumuroonni) kun barreeffamoota Giriikii kan duraan turan kam keessatti iyyuu hin argaman. Kan isaan argaman barreeffamoota maatii laatiinii tokko keessatti qofadha. Eraasmas "Vulgate" irraa hiikee, 1516tti Kakuu Haaraa Giriikii isa jalqaba maxxansiise keessa kaa'e. Jechoonni kun, HoE 26:14 keessatti ni argamu. As keessa jiraachuun isaanii, barreessitoonni wal fakkeenyaa fi gadi fageenyaan ibsuutti hammam akka dhimman agarsiisa.

**9:5 "Ana, Yesuus kan ati ari'attu"** Phaawuloos, Kiristoos isa gara ulfinaatti ol fudhatame arguu isaa ni dubbata (cf. Acts. 22:14; 1Qor. 9:1; 15:8-9). Phaawuloos gara booddeetti, ta'iin kun qaama, warra Ormootaaf ergamaa ta'ee waamamuu isaatii ta'uu isaa hubachuuf jira.

**9:6** Lakkoofsi kun lakk 10-19 keessatti gadi fageenyaan ibsameera.

**9:7 "namoonni warri isaa wajjin adeemaa turan"** Kun kan inni agarsiisu (1) eegduu mana qulqullummaa warra Phaawuloosii wajjin turan (2) Yihudoota biroo, kanneen hinaaffaa amantii qaban, tarii manneen sagadaa Giriikotaa irraa kan dhufan t'auu danda'au; yookiin (3) barattoota ti'ooloojii kan biroo warra Yerusaalem ta'uu danda'u.

▣ **"isa dubbatus sagalee isaa dhaga'uu irraa kan hafe, nama tokko illee hin argine"** 9:7 fi 22:9 gidduu waa'ee dhimma kanaa irratti garaagarummaan/hanqinni waan mul'atu fakkaata.

Akkamitti dhimmi kun akka ilaalamu irratti yaadrimmeewwan baray'eetu jira.
1. Kun dhimma xinhamaati. Jechi "dhaga'uu" jedhu akka seerluga afaan Ingiliziitti 'GENITIV' (qabeenya kan agarsiisu) (9:7) yookiin 'ACCUSATIVE' (22:9) kan fudhatu ta'uu danda'a. Bifoonni gara garaa kun faayidaa fi wantoota agarsiisan kan garaagaraa qabu NRSC'n barreeffama miiljalee irratti, "Giriikichi, warri isaa wajjin turan sagalee dhga'uu irraa kan hafe, jechoota dubbataman akka hin dhageenye hubachiisa" kan jedhu qaba.
2. Warri kaan immoo kun waa'ee sagalee Waaqa irraa isa yeroo Yesuus Yerusaaleem lixuutti (Yoh. 12:29-30) tokkummaadha jedhu.
3. Warri kaan, kun sagalee Phaawuloos malee, sagalee Yesuus kan agariisu miti jedhu. Isaan waan Phaawuloos haasa'u dhaga'aniiru, garuu waan Yesuus haasa'u hin dhageenye.
4. Warri kaan immoo, kun rakkoo guduunfaatiin (synoptic problem) tokkodha jedhu.

Barreessitoonni wangeelaa gara garaa, ta'iwwan, lallabootaa fi hojiiwwan Yesuus kan tokko ta'an karaa gara garaatiin barreessaniitu, kun immoo akkaataa ilaalcha gara garaati.

**9:8 "ija isaa yommuu bane, waan tokko illee arguu hin dandeenye"** Phaawuloos yeroo kanaa kaasee rakkoo ijaa godhate (cf. Gal. 4;13-15; 6;11). ani, akka dhuunfaatti, "qoraattii foon keessaa" Phaawuloos (cf. 2Qor 12:7-10 oftaalmiyaa (ophthalmia) ture jedheen amana, kunimmooo wantuma isa mudatee kanaan kan uumame ta'uu

danda'a. Asitti Ciigootu jira; Phaawuloos namummaa haaraa argate. Inni akka waan arguu danda'uutti yaade (qaamaa fi hafuuraa cf. Yoh.9), garuu jaamaa ta'uu isaa of arge. Erga Kiristoosiin argee booddee, iji isaa inni foonii yeroodhaaf jaamee ture, garuu iji haafuuraa isaa bal'atee banameef!

**9:9 "hamma guyaa sadiitti waa arguu hin daneenye"** Kun gocha hin xumuramin jirudha. Namoonni tokko tokko, kana akka ta'ii mul'ata Waaqarraa Phaawuloos isa 2Qor. 12:1-4 irratti ilaalu.

▣ **"yeroo sanatti homaa hin nyaanne, hin dhugnes"** Phaauloos soomaa fi kadhachaa ture (cf. Lakk 11). Haareffamuu attam nama dinqutu sammuu (ti'ooloojii) fi laphee (fedha Phaauloos keessatti ta'e! Inni wangeela ari'achuu irraa gara wangeela labsuutti jijjiiramaa ture!

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 9:10-19a**

**[10]Bartuun Anaaniyaas jedhamu tokko immoo Damaasqoo ture. Gooftaan mul'atatti, "Ananaiyaas!"**
**ittiin jennaan, inni immoo , "kumoo, asan jira, yaa gooftaa!" jedhe. [11]Gooftaan, "ka'ii, gara karaa**
**'sirrii' jedhamuu dhaqi! Nama biyya xarsee maqaan isaa Saa'ol jedhamu tokko, mana yudaasitti**
**iyyaafadhu; kunoo inni kadhatatti jira. [12]Innumtuu ati, Saanniyaas, isa bira dhuftee, akka agartuun**
**isaa isaaf deebi'uuf harka kee utuu isa irra keessuu mul'atatti argeera" jedheen. [13]Anaaniyaas garuu**
**deebisee, "yaa Gooftaa, namichi kun Yerusaalemitti warra siif qulqullaa'an attam akka miidhaa ture,**
**waa'ee isaa nam baay'ee irraa dhaga'eea. [14]Asittis warra maqaa kee wawwaatan hundumaa qabee**
**hidhuudhaaf, luboota warra angafoota biraa aboo argateera" jedhe. [15]Gooftichi garuu, "Dhaqi, inni**
**mi'a hojii kootii isa warra saba Waaqayyoo hin ta'in duratti, mootota duratti, namoota Israa'el durattis**
**maqaa koo beeksisuudhaaf ani fo'adheedha. [16]Maqaa koo mul'isuudhaaf jedhees hammam dhipachuuf**
**akka inni jiru, ani ofii kootii isa nan argisiisa" jedhe. [17]Anaaniyaas ka'ee dhaqee manichas lixee, harka**
**isaa mataa Saa'ol irra kaa'ee, "Oboleessa koo Saa'ol, gooftichi, Yesus inni karaa ati irra dhufte irratti**
**sitti mul'ate, waa'ee kee anatti himeera; akka agartuun kee siif deebi'uuf, hafuura qulqulluudhaan akka**
**guutamtuufis gara keetti na ergeera" ittiin jedhe. [18]Achumaanis waan akka qolaa ija isaa lachuu irraa**
**buunaan, agartuu isaa deebi'e; inni achumaa ka'ee cuuphame. [19]Nyaata nyaatees jabaate;**

**9:10 "Anaaniyaas"** Hiikni maqaa kanaa, "YHWH"n ayyaanaa qabeessa" jechuudha. Inni Yihuudii amanaa fi kan kabaja qabu yommuu ta'u, kooluu-galaa miti (cf. 22:12).

▣ **"Kunoo, asan jira, yaa gooftaa"** Kun jechama Yihuudoota kan jiraachuu/argamuu ittiin ibsanidha (cf. Isa. 6:8). lakkoofsi 11 ajaja baray'ee ifatti kenname waan ta'eef, kan jechaa ta'uun isaa beekamaadha.

**9:12 "innumtuu ati, Anaaniyaas,...mulatatti argeera"** "mul'atatti" kan jedhu barreeffamoota Giriikii durii p74, א, fi A keessatti hin argamu, garuu MSS B fi C keessatti ni argama. Lakkoofsi kun, hojii fi ergaan Anaaniyaas inni Phaawuloositti himamuuf jiru, jecha isa Yesuus duraan dursee isatti hime akka mirkaneessuuf nutti agarsiisa (cf. Lakk 6).

▣ **"harka kee utuu isa irra keessuu"** Mata duree addaa, 6:6 irraa ilaali.

**9:13 "nama bara'ee irraa dhaga'eera"** Anaaniyaas, odeeffannoo gadhee waa'ee Phaawuloos, isa inni warra amanan ari'atu kan inni dhaqe, koolu galtoota Yihudoota warra Yerusaalem irraa dhufan irraa ta'uun isaa beekamaadha.

▣ **"warra siif qulqullaa'an"** Jechi "*hagio*i" jedhu, jecha Giriikii "Quqluluu" (*hagios*) jedhuu wajjin hidhata qaba. Kakuu Moofaa keessatti (*kados*) inni jedhu, wanta ta'e, nama ta'e,yookiin iddoo ta'e kan hojii addaatiif Waaqayyoon quqlullaa'een kan walqabatuudha. Jechi "Qulqulloota" jedhu yeroo hundaa, Phil. 4:21 irraan kan hafe, baray'ina agarsiisa, achumaatti iyyuu yaada baray'ina agarsiisu of keessaa qaba. Kirisiyaana ta'uun qaama maatii, hawaasaa ta'uudha. Amantiicha keessatti kophummaa hin jiru.

**MATA DUREE ADDAA: QULQULLOOTA**

Kun jecha Giriikii, kan jecha Hibruu isa, Kadash, jedhuu fi wanta, nama yookiin iddoo YHWH'n qofti akka itti fayyadamuuf adda ba'e kan agarsiisu, bakka bu'udha. Akka afaan Ingiliziitti yaada 'the saerel' jedhu kan agarsiisudha. YHWH'n akkaataa (Hafuura, umamaa kan hin taane, bara baraan kan jiraatu) fi amala (quqlullummaa) isaatiin nama irraa adda kan ta'edha. Inni safara wanti hundumtuu ittiin madaalamuu fi wanta hundumaattis fardaamudha. Innis sammuu namaatti ol kan ta'e (qulqullummaa, ogummaa fi beekumsa isaatiin), Quqluluu isa tokkoo fi Qulqulluu isa biraadha.

Waaqayyo namni akka isaa wajjin jiraatuuf uume, garuu kufaatiin namaa (Uma. 3), Waaqayyo isa qulqulluu fi nama isa cubbamaa gidduutti gufuu walitti dhufeenyaa fi miiraa uume. Waaqayyo uumama isaa isa yaaduu danda'u kana deebisuu fo'ate; kanaaf, Ini sabni isaa "qulqulluu" akka ta'aniif ni waama (cf. Lew. 11:44; 19:2; 20:7,26; 21:8). Walitti dhufeenya amantii YHWH wajjin qabanii kakuu isa keessatti qabaniin sabni isaa ni qulqullaa'u, garuu qulqulluu ta'anii akka jiraatnaiifis waamamaniiru (cf. Mat. 5:48).

Jireenyi qulqullaa'aan kun, amantoonni karaa hojii fi jireenya Yesuus Kiristoosiin guutummaatti fudhatama waan qabaniif, akkasumas Hafuurri Quqlulluun sammuu fi laphee isaanii keessa sababii jiruuf, ni danda'ama. Kun wanta dhugaa hin fakkaanne, garuu kan dhugaa ta'uu danda'u uuma. Kunis

1. Sabii quqlulluu ta'uu Kiristoosiin qulqullaa'uu
2. Sababni Hafuurichi jiruuf, qulqulluu ta'anii jiraachuutt waamamuu.

Amantoonni "qulqulloota" (hagioi)dha. Sababiin isaas jireenya keenya keessa (1) fedhiin isa qulqullu (abbaa); (2) Hojiin ilam isa qulqulluu (Yesuus); fi (3) Hafuurri qulqululluun waan jiraniifidha.

Kakuu Haaraa keessatti quqlulloota kan jedhu yeroo hundaa baay'ina agarsiisa (Fil. 4:12 irraa kan hafe, achitti iyyuu garuu yaada baay'ina agarsiisu of keessaa qaba). Fayyuun, qaama maatii, qaamaa, ijaarsaa ta'uudha! Wangeelatti amanuu dhuunfaatti fudhachuudhaan jalqaba, garuu walitti dhufeenya/hordoffii walitti fufiinsa qabu barbaada. Nu'i hundumti keenya kennaa qabna (cf. 1Qor. 12:11) Kunis, fayyaa, guddinaa, fi nagaa qaama Kiristoosiif waldaaf (cf. 1Qor. 12:7) kan ta'udha. Nu'i akka tajaajilluuf fayyine! Qulqullummaan amala maatiiti!

**9:14 "luboota warra angafoota"** Kakuu Moofaa keessatti angafa lubootaa ta'uun jireenyaaf yommuu ta'u, gara ilmaatti kan darbudha (cf. Lew. 8:10). haa ta'u malee bara Roomaatti taayitaan kun, aangafoota Roomaa irraa kan bitamu ture. Kanaafuu, maatii saaduqootaa hannaas keessa Luboota angafoota baray'eetu ture.

▣ **"warra maqaa kee waammatan"** Gaaleen kun akka ti'ooloojiitti waan barbarachisaa ta'e agariisa. Luqaas Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti yeroo baray'ee kan inni itti fayydamuuf

1. Nama Yesuusiin waammatu (cf. 7:59)
2. Nama Yesuusiin akka fayyisaatti fudhate (cf. 9:14,21)
3. Kakuu Moofaa keessaa Amots, 9:12 irraa kan fudhatamee fi nama maqaan YHWH irratti waamame kan agarsiisu (kunis, Amantoota, cf. 15:17).
4. Karaa namni tokko mul'inatti Yesuusitti amanuu isaa ittiin mirkaneessuu (cf. 22:16)

Gaaleen kun akkasumas qaama himata Phaawuloos isa Israa'el kan Yo'el 2:32 irraa fudhatame fi Rom. 10:9-13 (cf. 2Xim. 2:22) irra jiruuti.

Pheexiroosis barreeffamuma kana (Yo'el 2:28-32) lallabara isaa isa Phenxeqoosxee irratti fayyadameeera, inni warra achi turaniif "maqaa gooftichaa akka waammatan" waamicha godhe (Yo'el 2:32).
Maqichi namaaf kan dhaabatudha. Cubbamoonni maqicha waammachuudhaan, Yesuus bakka isaanii bu'ee akka hojjetuu fi maatii isaa keessaas qooda akka isaaniif laatuuf ni kadhatu.

**9:15 "inni mi'a hojii kootii isa... ani fo'adheedha"** Ajaa'iba, guddina ayyaanaa fi filannoo waaqayyoo! Phaawuloos moodela wangeela labuu isa fedha irratti hunaa'ee, fedha ofiitiin amanuu hin guutu. Inni haala ajaa'ibsiisaa (diraamaa kan fakkaatuu) dhaan jijjiirame!

▣

**NASB, NKJV** **"warra saba Waaqayyoo hin ta'in duratti"**
**NRSV, NJB** **"maqaa koo warra saba Waaqayyoo hin ta'in duratti beeksisuudhaaf"**
**TEV** **"maqaa koo warra saba Waaqayyoo hin ta'in duratti beeksisuudhaaf"**

Kun Yihuudii tokkotti yommuu himau, attam kan nama dinqudha (cf. Efe. 3:7)! Haa ta'u malee, kun yeroo hundumaa iyyuu karoora Waaqayyooti (cf. Uma. 12:3; Ba'uu. 19:5-6; Efe. 2:11-3:13). israa'el, meeshaa Waaqayyo ittiin addunyaa bira ga'u, isa fakkaattii Waaqayyooti uumame ture (cf. Uma. 1:26-27), garuu ni kufe (cf. Uma. 3:15).

▣ **"mootota duratti"** Phaawuloos geggeessitoota mootummaa xiqqaadhaa hanga guddaatti jiranitti, dhumarratti Qeesaariitti dubbateera.

▣ **"namoota Israa'el durattis"** Adeemisi dhaabbataan Phaawuloos ittiin hojii wangeelaa hojjetu, dura manneen sagadaa warra naannootti lallabuu yommuu ta'u (cf. Rom. 1:16). achii booda immoo gara warra saba Waaqayyoo hin ta'iinii dhaquudha.

**9:16 "Maqaa koo mul'isuudhaaf jedhees hammam dhiphachuuf akka inni jiru, ani ofii kootii isa nan argisiisa"** Dhiphinni waan addaa miti, jireenya kiristiyaanonni biyya lafaa keessatti jiraatan keessatti waan hin oolleedha (cf. Mat. 5:10-12; Yoh. 15:18-21; 16:1-2; 17:14; HoE 14:22; rom 5:3-4; 8:17-18; 2Qor. 4:7-12; 6:3-10; 11:24-33; Fil. 1:29; 1Tas. 3:3; 2Xim. 3:12; Yaq. 1:2-4; 1Phex. 4:12-16).

Biyya lafaa isa kufu kana keessatti dhiphina Kiristoosii fi dhiphina duuka buuota isaatii gidduu walitti dhufeenyi ti'ooloojii jira.

1. Dhiphina Yesuus, 1;11; 2:21,23; 3:18; 4:1,13:5:1
2. kan duuka buutoota isaatii, 1:6-7; 2:19; 3:13-17; 4:1,12-19; 5:9-10

Biyyi lafaa erga isa fhudachuu didee, warra kansaa ta'enis immoo akkasuma hin godhe (cf. Yoh. 7:7; 15:18-19; 17:14).

**9:17 "harka isaa mataa saa'ol irra kaa'ee"** Kennaa hafuuraa kennuu keessatti "aangoo ergamaa ta'uu" kan jedhuuf Macaafa Quqlulluu keessaa wanti irrati hundaa'an hin jiru. Anaaniyaas amanaa beekamaa hin ta'in kan Damaasqoo jiraatuu fi kan (1) nama Waaqayyoof dubbatuu fi ; (2) Phaawuloos hafuura qulqulluudhaan guutamuu isaa (cf. Lakk 17); (3) Phaawuloos qaamaan fayyuu isaa (cf. Lakk 18); fi (4) cuuphamuu Phaawuloosiif (cf. Lakk 18) karaa ta'edha.

▣ **"obboleessa koo, Saa'ol"** Kun abboomamuu fi jaalalaaf fakkeenya guddaa attamiiti!

**9:18 "waan akka qolaa ija isaa lachuu irraa buunaan"** Kun jecha ogummaa fayyaatiin wal qabuu fi kan gogaa battala Phaawuloos fayyee kanatti isa irratti ta'e ibsuudhaaf itti fayyadamee. Jechi qola jedhu, Macaafa Quqlulluu isa afaan Giriikiitti hiikame keessatti, qola qurxummii ibsuud fayyade (cf. Lew 11:9,10,12; kess 14:9). Kana karaa biraatiin, Lakk 16:38 irratti kan arginu yommuu ta'u, iddoo sanatti kan inni agarsiisu, battee sibiilaati. Iddoo kanatti, qola gogaa, kan ija Phaawuloos keessaa ba'e kan agariisu ta'uu danda'a.

▣ **"cuuphame"** Anaaniyaas, akkasumas Phaawuloosiin cuupheera (cf. 8:36,38) jechuun ni danda'ama. Cuphaan Kauu Haaraa, fakkeenya Yesuusiif abboomamuu (cf. Mat. 3:13-17; Marq. 1:9-11; Luq. 3:21-22) fi ajaja isaafis abboomamuu (cf. Mat. 28:19) kan agarsiisuudha. Innis jijjiiramuu abbummaa kan agarsiisudha (kan eenyuu ta'uun ofii kan ittiin jijjiiramudha).

**9:19a "nyaata nyaatees jabarate"** Phaawuloos erga ifni Waaqa irraa itti mul'atee lafaan isa dha'ee jalqabee (cf. Lakk 9), soomaa, kadhachaas ture. Guyyaa sadii guutuu erga soomee (nyaatas, dhugaatiis) booddee, baray'ee dadhabuun isaa waan hin oolleedha.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 9:19b-22**

**[19b]Bartoota warra Damaasqoo biras bubbule. [20]Saa'ol ergasii utuu hin turin manneen sagadaa keessatti, "Yesuus kun ilma Waaqayyooti" jedhee lallabe. [21]Warri isa dhaga'an hundinuu garuu dinqifatanii, "Namichi kun, isa Yerusaalemitti warra maqaa Yesuus waammatan balleessuuf dhama'aa ture mitii? Addana iyyuu isaanuma hidhee luboota warra angafootatti geessuudhaaf dhufee ture mitii? Jedhanii gaafatan. [22]Saa'ol garuu lallabi isaa humna argachaa adeeme, Yesuus masihii ta'uu isaa kan inni ittiin hubachiises amansiisaa waan tureef, Yihuudoonni warri Damaasqoo jiraatan walii isaa wallaalan.**

**9:20 "Saa'ol ergasii utuu hin turin manneen sagadaa keessatti"** "Yesuus kun ilma Waaqayyooti" jedhee lallabe" Kun Gocha hin xumuramin jiru kan agarsiisudha. Kan inni agarsiisu immoo (1) eegalamuu gochaa yookiin (2) gocha irra deddeebii qabu ta'uu danda'a ajaa'iba! Inni duraan Luboota angafoota warra Yerusaalem biraa xalayaa fudhatee, duuka buutota Yesuus ari'achuudhaaf gara manneen sagadaa Damaasqoo dhaqe, amma immoo Yesuus masihii ta'uu isaa lallabuudhaaf gara manneen sagadaa tokko tokkoo dhufe (cf. Lakk. 21).

▣ **"Yesuus kun ilma Waaqayyooti"** Maqaan "Ilma Waaqayyoo" jedhu Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti iddoo kanatti qofa argama (HoE 13:33 keessatti, Far. 2:7 irraa waraabamee isa barreeffame irraa kan hafe). Kakuu Moofaa keessatti barbarachisummaa isaa calaqqisiisa: (1) saba Israa'el (cf. Hos. 11:1); (2) Mootii Israa'el (cf. 2Sam. 7:14) fi (3) Masihicha (cf. Mat. 2:15). Waaqayyo tokkicha qofaatti cimsee amanuun Phaawuloos, irra deebi'ee ibsamaa (jijjiiramaa) jira.

**MATA DUREE ADDAA: ILMA WAAQAYYOO**

Kun maqoota gurguddaa Kakuu Haaraa keessatti Yesuus ittiin ibsamu keessaa isa tokkocha. Kunis Waaqummaa isaa kan agarsiisu ta'uun isaa beekamaadha. Kunis Yesuusiin akka "Ilmichaa" yookiin "Ilma koo"tti kan ibsu yommuu ta'u, Waaqayyoon "Abbaa" jedhee ibsa. Kun Kakuu Haaraa keessatti yeroo 124 ol ni argama. Dan. 7:13-14 irraa akka hubannutti, Yesuus ofii isaa "Ilma Namaa jedhee waamuun isaa iyyuu waaqummaa isaa kan agarsiisudha.

Akkaataa Kakuu Moofaatti, "Ilma" kan jedhu gartuu murtaa'an sadii agariisuu ni danda'a.

1. Ergamoota (yeroo baay'ee baay'ina akka agarsiisuutti, cf. Uma. 6:2; Iyob 1:6; 2:1
2. Mooticha Israa'el (cf. 2Sam. 7:14; Far. 2:7; 89:26-27)
3. Saba Israa'el guutummaatti (cf. Ba'u 4:22-23; Keessa 14:1; Hos 11:1; Milk. 2:10)
4. Abbootiin seeraa Israa'el (cf. Far. 82:6)

Yesuusiin kan walqabatu isa lammaffaati. Karaa kanaan "Ilma Daawit" fi "Ilma Waaqayyoo" kan jedhan lamaanuu, 2Sam. 7: Far. 2 fi 89tti hidhatu. Kakuu Moofaa keessatti, "Ilma Waaqayyoo" kan jedhu, akka "aangoo dibataa" Israa'elitti ta'uu irraan kan hafe, addatti msahihii agarsiisuudhaaf hin fayyadne. Haa ta'u malee, barreeffamotaa galaana soogiddaa keessatti, maqaan masihummaa agarsiisu waan baramedha, (wabiidhaaf, *Dictionary of Jesus and the Gospels*, fuula 770 ilaali). Akkasumas "Ilma Waaqayyoo" kan jedhu hojiiwwan Macaafa Qulqulluu Yihudootaa lama keessatti maqaa masihummaati (cf. 2Esddras 7;28; 13:32,37,52; 14:9 fi 1Enoch 105:2).

Kakuu Haaraa keessatti kaninni Yesuusiin agarsiisu, gartuu gara garaatti ba'eessa godhanii qooduun ni danda'ama (guduunfuun ni danda'ama).

1. Durii durii jalqabee jiraachuu isaa (cf. Yoh. 5:1-18)
2. Haala addaatiin (durba irraa) dhalachuu isaa (cf. Mat. 1:3; Lu 1:31-35)
3. Cuuphaa isaa (cf. Mat. 3:17; Mar. 1;11; Luq 3:22. Sagaleen Waqayyo inni Waaqa irraa dhufe mootiidha (Far. 2), tajaajilaa isa dhiphatu (Isa. 53) wajjin walitti fide).
4. Seexanaan qoramuu isaa (cf. Mat. 4:1-11; Marq. 1:12,13; Luq 4:1-13. Inni ilma ta'uu isaa agarsiisuudhaaf yookiin, fannoon alatti kaayyoo isaa karaa kan biraa tokkoon illee fiixaan baasuuf qorame).

5. Dhuga baatota fudhatama hin qabneen mirkanaa'uu isaa
    a. Hafuurota hamoota (cf. Marq. 1:23-25; Luq. 4:31-37; Marq. 3:11-12)
    b. Warra hin amanne (cf. Mat. 27:43; Mar. 14:61; Yoh. 19:7).
6. Ergamoota isaatiin mirkanaa'uu (dhugaa ba'amuu) isaa
    a. Mat. 14:33; 16:16
    b. Yohaannis 1:34,49; 6:69; 11:27
7. Ofii isaatiif ofii mirkaneessuu isaa
    a. Maatewoos 11:25-27
    b. Yohaannis 10:36
8. Akkaataa maatiitiin Waaqayyoon, Abbaa jechuu isaa
    a. Waaqayyoof "abbaa kan jedhu fayyadamuu isaa
        1. Maarqoos 14:36
        2. Room. 8:15
        3. Galaatiyaa 4:6
    b. Irra deddeebi'ee Abbaa kan jedhu (patir), Waaqummaa isaa ibsuuf fayyadamuu isaa

Walumaagalatti, maqaan "Ilma Waaqayyoo" jedhu warra Kakuu Moofaa beekanii fi Kakuu fi hirma isaas beekaniif hiikaa ti'ooloojii guddaa qaba, garuu barreessitoonni Kakuu Haaraa akkaataa itti fayyadam isaatii irratti warra Ormootaa wajjin baay'ee itti rakkachaa turan, sababiin isaas isaan (warri Ormoonni) akka amananitti "Waaqolii" dubartii kan qaban yommuu ta'u, mucaa immoo "the titans" (nama baay'ee cimaa) yookiin "giants" (nama baay'ee guddaa waan jedhaniifidha.

**9:21** Lakkoofsi kun bifa gaaffii, kan deebii "eyyee" jedhu eegudha.

▣ **"balleessuuf"** Kun jecha yeroo baay'ee hin mul'annee fi baay'ee cimaa ta'e yommuu ta'u, guutummaatti miidhuu, yookiin guutummaatti balleessuu kan agarsiisudha. Jechi kun kan argamu, Asitti akkasumas, Gal. 1:13, 23 irratti qofadha akkasumas 'iv Macc. 4:23' irratti ni argama, Phaawuloos, ari'ataa baay'ee hamaa ture!

**9:22**
**NASB** **"Phaawuloos ciminaan dabalaa adeeme"**
**NKJV** **"Phaawuloos guutummaatti cimaa adeeme"**
**NRSV** **"Phaawuloos ittuma dabalee humna godhachaa dhufe"**
**TEV** **"lallabni saa'ol, ittuma iyyuu humna qabeessa ta'e"**
**NJB** **"Humni Phaawuloos walitti fufiinsaan guddate"**

Kun gocha hin xumuramin jiru kan agarsiisudha. Kennaa fi ogummaan Phaawuloos guddachuudhaaf, yeroo muraasa itti fudhateera. Yaadni kun kan agarsiisu, lallabara fi ogummaa falmii Phaawuloos kan agarsiisudha (cf. TEV).

▣ **"walii isaa wallaalan"** Kun gocha hin xumuramin jiru, kan gocha yeroo darbe keessa irra deebii qabu ibsudha. Kunis jecha tishoo kan jechoota "walii wajjin" (*sun*) fi "dhangalaasuu" (*cheō*) jedhan irraa uumamedha. Jechi kun Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti qofa argama.

1. 2:6, waan jedhan wallaalan
2. 9:22 walii isaa wallaalan
3. 19:32, maaliif akka walitti qabaman iyyuu hin beekne
4. 21:27, goolii kaasan
5. 21:32, walii wallaaluu

Yihuudonni amanuu Phaawuloos, yookii9n humnaan lallabuu isaa, akka masihii isa Kakuu Moofaa keessatti abdachiifameetti ibsuu hin dandeenye.

▣ **"amansiisaa"** jechi kun goolabuu (cf. HoE 16:10; 19:33) fi haaluma wal fakkaatuun, mirkaneessuu jechuudha. Akkaataa Phaawuloos itti fayyadamu, Kan Isxifaanoosiin baay'ee wal fakkaata. Isaan lamaanuu, barreeffama Kakuu Moofaa fudhachuudhaan, jireenya Yesuus nama Naazireet keessatti fiixaan ba'uu isaa agarsiisuudhaan, inni masihii isa Kakuu Moofaa keessatti abdachiifame ta'uu isaa amaniisuudhaaf itti fayyadamu turan.

▣ **"masihii"** (Kiristoos) Jechi kun masihicha kan agarsiisudha (isa dibame, isa akka dhufu abdachiifame). Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti yeroo baay'ee, maxxantuun *cha* jettu maqichatti aantee dhufti (Fakk. 2:31,36; 3:18,20). Phaawuloos, Yesuus namni Naazireet, inni Yerusalemitti ajjeefame dhugumaan masihichaa fi amansiisaa ture. Kun dhugaa yoo ta'e, Yihudootaaf waan hundumaa kan jijjiiredha (akkasumas Ormoota)! Isaan isa hin hubanne, hin simannes. Isaan kennaa Waaqayyoo wajjin wal-jala darbuudhaan, dukkana hafuuraa keessatti hafan.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 9:23-25**
**23Guyyaa baay'ee erga Saa'ol kana hojjechaa bubbulee immoo, Yihuudoonni walitti dacha'anii isa ajjeesuudhaaf mari'atan. 24Mareen isaanii kun garuu Saa'ol bira ga'e; isaan immoo isa ajjeesuudhaaf, halkanii fi guyyaa balbala kellaa mandarichaa ni eegu turan. 25Warri garee isaatii garuu gaaf tokko halkan geessanii, guuboo keessa kaa'anii masaraa gubbaadhaan gad isa buusan.**

Mata duree addaa: Dibata Macaafa Qulqulluu keessaa jedhu, 4:27 irraa ilaali.

**9:23 "Guyyaa baay'ee"** Phaawuloos, Arabiyaa keessatti yeroo dheeraa dabarsuu isaa, isa inni Gal. 1:15-24 keessatti dubbatu ilaalcha keessa galchuu qabna, akka hiika galumsa kanaatti Arabiyaa kan jedhu kan inni agasiisu, mootummaa Naabaratiyaanii (Areexas IV, Dh.K.D bara 9 irraa hanga Dh.K.B bara 40tti kan tureen kan bultu) ishee Damaasqoo irraa kibba bahaatti argamtudha. Yeroon waggaa sadii kun, yeroo naannoo ji'a kudha saddeetii ta'u kan ibsudha. Yihuudonni walakkaa guyyaa, akka guyyaa guutuutti lakkaa'u (cf. Mat. 26:61; 27:40,63); waggaadhaafis akkasuma godhu.

▣ **"Yihuudonni walitti dacha'anii isa ajjeesuudhaaf mari'atan"** Yihuudonni, aangafoota siviilii kakaasaa turen jechuun ni danda'ama (cf. 2Qor. 11:32-33). Kun Phaaloosiif qaanii ta'uu qaba, sababiin isaas, inni waa'ee taatee kanaa 2Qor. 11 keessatti waa'ee dadhabii yommuu dubbatutti ibseera.

**9:25 "masaraa gubbaradhaan"** Kun kan inni agarsiisu, foddaa mana dhuunfaa, isa keenyaan isa inni dudduubara kellaa isa mandarittii naanna'uun walqabatee jiru ta'uu qaba (cf. 2Qor 11:33; Iya 2:15; 1Sam. 19:12).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 9:26-30**
**26Saa'ol ergasii gara Yerusaalem dhaqee, bartootatti dabalamuu yaale; isaan garuu akka inni dhuguma bartuu ta'e hin amannee waan turaniif, hundumti isaanii isa sodaaatan. 27Baarnaabaas garuu fuudhee ergamootatti isa geessee; karaatti attamitti gooftaa akka inni arge gooftaanis akka isatti dubbate isanaitti mul'ise; Damaasqootti immoo Saa'ol attamitti ija jabinaa maqaa Yesuusiin akka dubbate, isanaitti hime. 28Saa'ol isaanii wajjin Yerusaalem keessa deddeebi'aa bubbulee; maqaa gooftaa Yesuusiin ija jabinaan lallabe. 29Warra Yihuudoota afaan Giriikii haasa'anii wajjinis dubbatee, isaaniin morkachaa ture; isaan garuu isa ajjeessuu yaalan. 30Obboloonni immoo yeroo kana baranitti, gara Qiisaariyaatti geessanii, xarseesitti isa ni ergan.**

**9:26 "gara Yerusaalem dhaqee"** Kun ji'oota kudha saddeetii hanga soddomii ja'aa booddeedha ta'a (cf. Gal. 1:15-24). Lakkoofsi kun, amantoonni warri Yerusaalem, namicha isaan ari'achaa ture kana hammam akka isaan shakkan (sodaaatan) agarsiisa. Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti, daawwannaan Phaawuloos erga haala ajaa'ibsiisaadhana amanee booddee Yerusaalemitti godhe baay'een isaa galmaa'eera.

1. 9:26, daawwannaa isa duraa
2. 11:30, daawwannaa boqonnaa

3. 12:25, ergama booddee
4. 15:2, yaa'ii Yerusaalem
5. 18:22, waldaa daawwachuu isaa
6. 21:17, daawwannaa isaa Yaaqoobii fi abboota wajjin, akkasumas wareega isaa fi qabamuu isaa

**9:27 "Barnaabaras"** hiikaan jecha kanaa inni beekamaan, akka Itimooloojiitti ta'uu baratu iyyuu "Ilma jajjabinaa" jechuu ture. Kun nama qulqulluu isa 4:36 keessatti ibsamee fi booddee immoo tajaajila Phaawuloos keessatti nama jalqabara kan ta'edha. Yaada guutuu fi mata duree addaa, 4:36 irra ailaali.

▣ **"ergamootaati isa geesee"** Iddoo biraan kun itti argamu Gal. 1:18 qofadha.

▣ **"isaanitti mul'isee"** Bararnaabaras dhuga ba'umsa Phaawuloos beeka, hirmaateeras ture. Kunis akka inni fudhatamuuf balbala bane (cf. Lakk. 28).

**9:28**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"sodaaachisaa deddeebi'aa"** |
| **NKJV** | **"ol gala fi gadi ba'aa"** |
| **NRSV** | **"ol lixaa fi ba'aa"** |
| **TEV** | **"Naanna'aa"** |
| **NJB** | **"itti naanna'uu"** |

Kun jecha Kakuu Moofaa, kan jiruu guyyaa guyyaa agarsiisudha (cf. Lakk. 27:17; 1Mot. 3:7).

**9:29 "warra Yihuudoota afaan Giriikii haasa'anii wajjinis dubbatee, isaaniin morkachaa ture"** Kun kan inni agarsiisu, gartuu dhuma warra Isxifaanosiin ajjeesan (manneen sagadaa Yihudoota Yerusaalem warra afaan Giriikii dubbatanii); amma immoo Saa'ol, Isa Yihuudi biyya alaatti dhufe ta'e ajjeesuudhaaf karoorfachaa warra jiraniidha. Isaan Isxiaanostu deebi'ee dhufe jedhanii yaaduun isaanii hin oolle.

**9:30 "obbolonni immoo yommuu kana baranitti"** 22:17-21 irraa, Yesuus yeroo kanatti akka inni dafee gara yerusaalem dhaqu itti himuuf Phaawuloositti mul'achuu isaa ni hubanna. Yesuus, tajaajila Phaawuloos keessatti, isa jajjabeessuu fi isa geggeessuuf jecha yeroo baay'ee itti mul'ateera (cf. 18:9-11; 2:17-21; akkasumas 27:23 irratti ergamaan gooftaa itti mul'ateera).

▣ **"Qiisaariyaatti"** Kun kan inni agarsiisu, Keyyata galaanaa Roomaa, isa qarqara Medetereiyaanii isa Phaalestiinaati, kun teessoo mootummaa Roomaa isa Phaalestiinaa turte.

▣ **"Sarseesitti"** Phaawuloos amma erga biyya isaatii ba'ee, waggoota baay'ee tureera, Xarsees magaalaa bilisa turte. Akkasumas isheen Iskindiriyaa fi Ateensitti aantee, magaalaa barumsaa guddittii addunyaa durii ishee sadaffaa turte. Yuunivaristoonni Xarsees keessa jiran, falaasama, ogummaa dubbii, fi seera irratti xiyyeeffatu.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 9:31**
**31 Yeroo sana keessa waldaan amantootaa Yihuudaa, Galiilaa, Samaariyaa hundumaa keessatti nagaa argatte; sodaa gooftaatti jiraachaa, jajjabina hafuura qulqullutiinis baay'achaa turte.**

Phaawuloos, ogummaa dubbii Giriikii fi falaasama, akkasumas barsiisa amantii Yihudootaatiin leenji'uun isaa beekamaadha.

**9:31** Kun lakkoofsa guduunfaa, kan amanuu Phaawuloos goolabuu fi deemsi Pheexiroos jalqabamuu isaa kan ibsudha. Luqaas Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti lakkoofsa guduunfaa akkasii yeroo baay'ee ni fayyadama. Seensa IV kaayyoo fi caasaa, A ilaali.

▣ **"waldaan"** Barreeffama 5:11 irra jiru ilaali, akkasumas "waldaa" kan jedhu, gareewwan dhuunfaa baay'ee kan agarsiisu ta'uu isaa hubadhu. Jechi "Waldaa" jedhu, waldaa tokko (fkn. Qol. 1:18,24; 4:15,16), waldaa

naannoo tokkoo hundumaa (Fakk. Efe. 1:22; 3:10,21; 5:23,24,25,27,29,32), akkasumas waldoota guutummaa biyya lafaa irra jiran (Fak. Mat. 16:18) agarsiisuu ni danda'a.

▣ **"wantoota Luqaas ibsuu filate hubadhu"**

1. Nagaa waldaa hundumaa keessatti
2. Guddachaa fi baay'eechaa
3. Jajjabina hafuura

Kun ari'atama isa 8:1 irra jiru irraa jijjiirama attam nama dhinqudha! Amma iyyuu rakkoon tureera garuu Waaqayyo wanta barbarachisu hundumaa guuteef.

**GAAFFILEE MARII**

Kun qajeelfama qo'annoo Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulquulluun, akkasumas Hafuurri Qulqulluun hiika laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffiileen marii kun kan isaan qophaa'an, yaadota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadduuf si gargaaruufidha. Gaaffiileen kun yaada kan kaasnaiidha malee, ibsa kan irratti laatan miti.

1. Phaawuloos waldaa ari'achuutti maatiif baay'ee hamaa ture?
2. Waa'een amanuu Phaawuloos, Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti maaliif yeroo sadii caafame?
3. Barbarachisummaan Phaawuloos Anaaniyaasiin fayyifamuu, harki irra kaa'amuu, fi cuuphamuu isaatii maalinni?
4. Phaawuloos Yesuusiin "Ilma Waaqayyoo" jechuun isaa barbarachisummaan isaa maalinni?
5. Luqaas maaliif turtii Phaawuloos waggoota sadiif arabiyyaatti godhe hin barreessine?

**AKKA HIIKAA GALUMSAATTI 9:32-10:48**

A. Macaafni Hojii Ergamootaa Pheexiroos irraa gara Phaawuloosotti ce'uu yoo jalqabe iyyuu, boqonnaawwan 9:32-12:25tti jiran adeemsa tajaajilaa Pheexiroos ni agarsiisu.

B. Kutaan kun waa'ee Pheexiroos Liidaatti, 9:32-35; Yopheetti, 9:36-43; 10:9-23; Qisaariyaatti, 10:1-8,23-43; fi Yerusaalemitti 11:1-18; 12:1-17 kan ibsudha.

C. Kutaan kun baray'isee barbarachisaadha, sababiin isaas ergama warra Ormootaatiif wal'aansoo godhame, akkasumas qooda Pheexiroos (akka dursaa garee ergamootaatti wal'aansoo kan keessatti qabu waan ibsuufidha. Luqaas waa'ee Qorneliyoos baay'ee barbarachisaa ta'uu isaatiin si'a sadii barreesseera.

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 9:32-35**

**[32]Pheexiroos iddoo hundumaa ni naanna'a ture: al tokko warra Waaqayyoof qulqullaa'anii mandara Liidaa keessa jiraatan ilaaluudhaaf gad bu'e. [33]Achitti nama maqaan isaa Eneyaas jedhamu took wajjin wal arge; inni dhagni isaa gar tokko duunaan, waggaa saddeet guutuu siree gar tokko duunaan, waggaa saddeet guutuu siree isaa irraa hin buune ture. [34]Pheexiroos, "Eneyaas, Yerus Kiristos si fayyisa, ka'ii uffata kee dachaasi!" ittiin jedhe; achumaan eneyaas ni ka'e. [35]Namoonni hidaa fi bakkee Saaron keessa jiraatan hundinuu immoo namicha arganii, gara gooftaatti deebi'an.**

**9:32 "Pheexiroos iddoo hundumaa ni naanna'a ture"** Ergamoonni Phaalestiinaa guutummaatti, akkasumas biyyoota ollaatti lallabara turan jechuun ni danda'ama.

▣ **"warra Waaqayyoof quqlullaa'anii"** Jechi kun Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti, waldaa ibsuudhaaf fayyada. Mata duree addaa: Quqlulloota jedhu 9:13 irraa ilaali. Jechi "ergamoota" jedhu, suuta suutaan jecha "qulqulloota" jedhuun bakka bu'e. Jechichi, Kakuu Moofaa keessatti jecha isa "qulqulluu" jedhuun kan wal qabatu yemmuu ta'e, tajaajila Waaqayyoof "kan adda ba'e" jechuudha. Jechi kun Filiiphisiyuus 4:21, irraan kan hafee, qeenxee haala ibsuun hin fayyadne, achittis kan inni ibsu haala gareeti. Kun kan inni agarsiisu, quqlulloota jechuun "hawaasa" keessatti miseensa ta'uu isaati. Barreeffama 9:13 irra jiru ilaali. Waldaan Kaatoolikii Roomaa jecha kana haala hin eegamnee, Kiristiyaanoota addaa agarsiisuuf itti fayyadamuun ishee hubatamuu qaba. Kakuu Haaraa keessatti, amantoonni hundumtuu "qulqulloota" jedhamu! Kun iddoo nu'i Kiristoos keessatti qabnu, isa xiyyeeffannoo argachuu qabudha.

**MATA DUREE ADDAA: QULQULLUMMAA**

Kakuu Haaraan, cubbamoonni yeroo qalbii jijjiirannaa fi manatiidhaan gara Yesuusitti deebi'an, yerosuma dhiifamuu cubbuu akka arganta, akkasumas akka quqlullaa'an nu hubachiisa. Kun iddoo haaraa isaan Kiristoos keessatti qabanidha. Qajeelummaan isaa isaaniif ta'eera (Rom 4). Isaan qajeelotaa fi qulqullootaa ta'uudhaan beekamaniiru (akkaataa hojii Waaqayyoo).

Kakuu Haaraan garuu, amantoonni qulqulloota ta'anii fudhatamuu isaanii irratti ni dubbata. Kun iddoo yaadrimee isaan hojii Yesuus Kiristoos isa xumurame keessatti qabanii fi jireenya isaanii guyyaa guyyaattiin Kiristoosiin fakkaachuuf waamamuu isaanii kan agarsiisudha. Akkuma fayyinni tola kennameefi haala jireenyaa keessatti gatii nama baasisu, qulqulloota ta'uunis (qulqullummaanis) akkuma sanadha.

| Deebii jalqabaa | Kiristoosiin fakkaachuutti guddachuu |
|---|---|
| HoE 20:23; 26:18 | Rom 6:19 |
| Room 15:16 | 2Qor. 7:1 |
| 1Qor. 1:2-3; 6:11 | 1Tas. 3:13; 4:3-4,7; 5:23 |
| 2Taso. 2:13 | 1Xim 2:15 |
| Hibro. 2:11; 10:10,14; 13:12 | 2Xim. 2:21 |
| 1Phex. 1:1 | Hib. 12:14 |
| | 1Phex. 1:15-16 |

▣ **"Liidaa"** Magaalaan Liidaa, karaa daldalaa isa Babiloon irraa gara Gibxiitti geessu irratti kan argamtu turte. Kakuu Moofaa keessatti "Lood" jedhamti turte (cf. 1Sen 8:12). Isheen biyya galaana keessaa, kan galaana Medeteraaniyaanii irraa gara maayila kudha tokkoo fagaattu turte. Kun iddoodhuma isa Filiphos boqonnaa 8:40 keessatti doowwatedha.

**9:33 "nama maqaan isaa eneyaas jedhamu"** Maqaan Giriikii kun "gatii" jechuudha. Inni amanaa ta'uu fi dhiisuun isaa sirriitti hin beekamu, garuu Pheexiroos waldoota hundeeffaman warra Filiphosiin jalqabaman daawwachaa jira.

▣ **"Inni dhagni isaa gar tokko duunaan, waggaa saddeet guutuu siree isaa irraa hin buune"** Hiikni kun, hiika gaalee Girikii kanaa isa beekamaadha. (NASB, NKJV, NRSV, TEV, NJB). Haa ta'u malee, Gaaleen Giriikii kun "erga umurii isaatii waggaa saddeetii" jechuu ta'uu dnada'a (cf. Newwan and Nida, A *Translator's Handbook on the Acts of the Apostes*, fuula 199).

**9:34 "Yesuus Kirisoos si fayyisa"** Asitti, maxxantuun jechoonni lamina kun tokko ta'uu isaanii ibsuuf kaa'ame hin jiru, kunimmoo jechoonni lmaan kun ibsa beekamaa (dhaabbataa) ta'uu isaanii kan ibsudha. Ibsi kun "Masihichi battala kanatti si fayyisaa jira" jechuudha.

▣ **"ka'ii uffata kee dachaasi"** Jechoonni kun jechoota ajaja yommuu ta'an, xiyyeeffannoo fi hatattamaan waan godhamu kan agarsiisanidha!

▣ **"achumaan Eniyaas ni ka'e"** Kun Amantii namichi, sababii waa'ee Yesuus Pheexiroos irraa dhaga'eef godhate kan agarsiisudha.

**9:35 "namoonni Liidaa… jiraatan hundinuu"** Kun, Macaafa Qulqulluu keesatti jechi "hundinuu" jedhu, haala hin hammatamneen fayyaduu isaatiif fakkeenya gaaridha (cf. Uma. 41:37; Kess. 2:25; Luq. 2:1, Rom 11:26).

▣ **"Saaron"** Kun kan inni agarsiisu, qarqara Kaaba Phalestiinaati. Kunis yopheedhaa hanga Qisaariyaatti gara maayila soddomaa kan dheeratudha.

▣ **"gara gooftaatti deebi'an"** Jechi "deebi'an" jedhu, jecha isa Kakuu Moofaa keessatti qalbii jijjiirrachuu (shub) agarsiisu kan calaqqisiisuu ta'uu danda'a. Kun kan inni agarsiisu, cubbuu irraa qalbii jijjiirratanii gooftaatti amanuutti deebi'uudha (cf. 11:21).

Barreeffamni guduunfaa xinnoon kun, yeroo baay'ee kutaa kana keessatti ni argama, kan inni agarsiisuus sochii gurguddaa hafuurri Waaqayyoo Pheexiroosii fi Phaawuloos keessaan godhedha. Taateen dinqiin kun, wangeela labsuudhaaf karaa bane.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYA'E) 9:36-43**
**[36]Mandara Yophee keessas bartuun xaabiitaa jedhamtu tokko ture; maqaan ishee afaan Giriikiitti Dokaas" ture, hiikuun isaa immoo "kumphee" jechuudha. Ishee yeroo ishee hundumaa hojii gaarii hojjechuudhaaf hiyyeessota gargaaruudhaan ni dabarsiti ture. [37]Gidduu tokko dhukkubsattee duunaan, dhagna dhiganii kutaa isa mana gubbaa keessa ciibsan. [38]Liidaan Yoopheetti dhi'oo ture iyyuu, bartoonni, Pheexroos achi akka jiru dhaga'anii, "hadaraa amaaf ammatti nu bira ga'i!" jedhanii akka isa waamaniif namoota lama itti ergana. [39]Pheexiroos, ka'ee isaanii wajjin dhaqe; akka inni achi ga'eenis gara kutaa mana gubbaatti isa geessan. Achitti haadoonni hiyyeessaa hundinuu isa naanna'anii boo'aa, uffata jalaa fi irraan fuffata kan "kurupheen" fayyaatti isaaniif hojjette, isatti ni argisiisu turan. [40]Pheexiroos garuu hunduma isaanii ala baase,, ofii isaatii jilbeenfatee kedhate; ergasii gara reeffichaatti garagaalee, "Xibiitaa, ka'i!" jedheen. Isheen ija i9shee banattee, Pheexiroosiin yommuu argite ol jettee teesse. [41]Pheexiroos immoo harka isaa itti hiixatee, harka ishee qabee ol ishee kaase; kana booddees amantoota, hadhoolii hiyyeessaas waamee, fayyaa ishee isaan gidduu dhaabachiise. [42]Kunis Yophee hundumaatti beekkame, namoonni baay'een gooftaatti amanan. [43]Pheexiroos namicha gogaa duugu *maqaan* isaa Simoon jedhamu tokko biratti hafee, guyyaa baay'eedhaaf yophe ture.**

**9:36 "Yohphee"** Har'a magaalaan kun, Jaaffaa (yaafoo) jedhamti. Isheen Keyyata galaanaa Yerusaalem durii turte. Har'a, isheen qaama magaalaa Tel-Aviiv-yafooti.

▣ **"bartoonni"** Kutaa Macaafa Hojii Ergamootaa kana keessatti jechi "ergamoota" jedhu yeroo bara'ee barreeffameera. Jechi kun salphaatti, "bartoota" jechuu yommuu ta'u, garuu amantoota yaada agarsiisu of keessaa qaba.

▣ **"Xaabiitaa…Dorkaas…Kuruphee"** Maqaan dubartii kanaa afaan araamaayikiitiin Xaabiitan ture; Afaan Giriikiitti immoo Dorkaas ture. Yihuudonni bara'een warri kanneen Yihudootaa hin ta'in wajjin walitti dhufeenya addaa yookiin walitti dhufeenya daldalaa qaban maqaa lama qabu turan, kunis tokko araamaayikii, tokko immoo Giriikiidha. Maqaan kun lamaanuu "kuruphee" jechuudha, kunis mallattoo Ayyaanaa fi miidhaginaati (cf. Wedduu weeddootaa 2:9,17; 4:5; 7:3).

▣ **"hojii gaarii hojjechuu fi hiyeessota gargaaruudhaan"** Kun kennaa Yihuudonni kennan kan agarsiisudha. Kun kennaa Yidhuudonni torban torbanitti, hawaasa Yihudootaa warra gargaarsa barbaradaniif kennan yommuu ta'u, yaadni kun manneen sagadaa keessatti kan uumamedha. Kun Yihudoota warra bara Yesuus biratti, karaa

amantii wanta barbarachisaa ta'ee ilaalama. Waldaan adeemsa kana ni hordofti turte (cf. HoE 6). Mata duree addaa 3:2 irraa ilaali.

▣ **"yeroo ishee hundumaa… ni dabarsiti turte"** Kun gocha hin xumuramin kan agarsiisudha. Kunis kan inni agarsiisu shaakala (gocha yeroo hundaa godhamu) yeroo darbee kan agarsiisudha.

**9:37 "dhagna dhiqanii, kutaa isa mana gubbara keessa ciibsan"** dhagna dhiiquun kun Yihudoota biratti, akkaataa awwaalchaaf ittiin qopheessan isa beekamaadha. Yerusaalem keessatti namni tokko gaafuma du'e awwaalamuu qaba ture, Yerusaalemii alatti garuu, awaalachi hamma guyyaa sadiitti turuu danda'a. Mata duree addaa 5:6 irraa ilaali.

**9:38 "namoota lama itti ergan"** Amantoonni kun dinqiiwwan gurguddaa Waaqayyoo karaa Pheexiroos hojjete kan dhaga'an yommuu ta'u, dubartii guddiitti Yihuudii kiristiyaanaa kanaafis waa ni godha jedhanii amanan.

**9:39 "haadhonni hiyyeessaa hundinuu isatti naanna'anii… turan"** Isaan wayyaa isa Doorkaas isaaniif hojjettee turte Uffatanii turan jechuun ni danda'ama, kunis (1) uffata jalaa fi (2) uffata gubbarati.

**9:40 "Pheexiroos garuu hundumaa isaanii ala barase"** Kun jecha jechaan yoo hiikame "alatti gad isaan yaase" jechuu yommuu ta'u, Yesuusis Marq. 5:40 irratti akkasuma godhee ture. Dhugaatti, dinqiiwwan kutaa kana keessatti hojjetamaniifi dinqiiwwan bara jireenya Yesuus keessa hojjetaman gidduu wal fakkeenya guddaatu jira. Ergamoonni fakkeenyi isaan of fuulduraa qaban tajaajila Yesuus qofa ture.

Wanta gaaffii namatti uumu, "Pheexiroos maatiif hundumti isaanii akka kuticha keessa ba'an barbarade?" kan jedhudha. Yesuus kan inni kana godheef, inni akka fayyisaatti qofa beekamuu waan hin barbaranneef, akkasumas wangeelli hin xumuramiin waan tureef ture. Garuu Pheexiroos maaliif kana godhe? Dinqiin kun balbala amantii ban fakkaata, kanaafuu inni, hamma danda'ametti namoonni baay'een akka ilaalan barbaradeeti fakkaata.

▣ **"jilbeeffatee"** Akkaataan Yihuudoonni yeroo baay'ee ittiin kadhatan, dhaabatanii, harkaa fi ija isaanii gara Waaqaatti ol fuudhuudhaan ture. Haa ta'u malee, Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti ergamoonni jilbeenfatanii kadhachuun isaanii yeroo baay'ee barreeffameera. Kun akkuma Yesuus Geetesemaaniitti (cf. Luq 22:410) godhe, xiyyeeffannoodhaafi (cf. 7:60; 20:36; 21:5).

▣ **"Xaabiitaa, ka'i"** Inni afaan araamaayikiitiin dubbachaa ture jechuun ni danda'ama. Yesuusii fi Yidhuudonni warra jaarraa tokkoffaatti Phaalestiinaa keessa turan hundinuu, Afaan Hibraayisxii utuu hin ta'I, afaan Araamaayikii dubbatu turan. Kun Izraa-Nehimiyaatti iyyuu tureera (dhugaadha) (cf. Neh. 8:4-8).

**9:41 "amantoota"** (qulqulloota) Mata duree addaa: Quqlulloota jedhu 9:13 Irraa ilaali.

**9:42 "namoonni baay'een gooftaatti amanan"** Kunis barreeffama guduunfaa biraa,kan bu'aa dinqiiwwan Pheexiroos godhee fi tajaajila lallaba isaatii agarsiisudha.

**9:43 "Pheexiroos namicha gogaa duugu maqaan isaa Simoon jedhamu tokko biratti hafee"** guyyaa baay'eedhaaf Yoophee ture. Pheexiroos namicha gogaa duugu (gogaa bineeldota du'anii) kan akka Simoon, isa akka seeraatti quqlulluu hin taane wajjin tumu isaatiin seera Yihuudootaa keessaa ba'uun isaa hin oolle.

## GAAFFILEE MARII

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Quqlulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Quqlulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuurri Qulqulluun, Hiika laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffiileen marii kun kan isaan dhiyaatan, yaadota gurguddoo kutaa Macaafa kana keessatti dhi'aatan keessa deebitee akka ati yaadduuf si gargaaruufidha. Gaaffileen kun yaada kan kaasnaiidha malee, hiika kan irratti laatan miti.

1. Akkaataan Phaawuloos ittii amane, Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti maaliif si'a sadii barreefame?
2. Waa'ee amanuu Phaawuloos irratti wantoonni barreeffaman sadan, maaliif garaa garummaa muraasa agarsiisu?
3. Phaawuloos amanuu isaa keessatti filannoo hammamii qaba ture? Wanti isa irra ga'e wana baramaadhaa?
4. Yihuudonni warri afaan Giriikii dubbatan maaliif Phaawuloosiin ajjeesuu yaalan?
5. Pheexiroosii fi Phaawuloos, wangeelaaf karaa banuudhaaf dinqii erga fayyadamanii, Waaqayyo har'as maaliif bal'inaan karaa kana hin fayyadamu?

# HOJII ERGAMOOTAA 10

## HIIKAA HAARAA KEYYATAAN HIIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Peexiroos fi Qorneelewoos | Qorneelewoos bakka bu'ummaa erguusaa | Haasawaa Qorneelewos | Pheexiroosii fi Qorneelewoos | Pheexiroos kutata waraana warra Roome ilaaluusa |
| 10:1-8 | 10:1-8 | 10:1-8 | 10:1-3 | 10:1-2 |
| | | | | 10:3-8 |
| | Mul'a Pheexiroos | | | |
| 10:9-16 | 10:9-16 | 10:9-16 | 10:46-8 | 10:9-10 |
| | | | 10:9-13 | |
| | | | 10:14 | |
| | amoota Qasaariyaatti waamaman | | 10:15-16 | |
| 10:17-23a | 10:17-23 | 10:17-23a | 10:17-18 | |
| | | | 10:19-20 | 10:17-23a |
| | | | 10:22-23a | |
| 23:23b-33 | Pheexiroos Qornelewos wajjiin wal arguu isaa | 10:23b-29 | 10:23b-29 | 10:23b-33 |
| | 10:24-33 | | | |
| Pheexiroos mana Qornelewositti dubbachuusaa | Lallaba mana Qorneelewoositti ta'e | | Dubbii Pheexiroos | Mana Qorneelewoositti Teessoo Pheexiroos |
| 10:34-43 | 10:34-43 | 10:34-43 | 10:30-43 | 10:34-35 |
| | | | | 10:36-43 |
| Warri dubbicha dhaga'an Afuura qulqulluu fudhatan | Afuurri qulqulluu warra dubbicha dhaga'an irra bu'e | | Warri dubbicha dhaga'an Afuura Qulqulluu keessumeessan | Cuuphaa tokkoffaa warra dubbicha dhaga'anii |
| 10:44-48 | 10:44-48 | 10:44-48 | 10:44-48 | 10:44-48 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A guide to good Bible reading" fuula vii irraa)**
***GULANTAA KEEYYATAATTI BU'UURA KAAYYOO BARREESSAA HORDOFUU***

Kun qajeelfama qo'annoo yaadaa kan Macaafa Quqlulluu hiikuudhaaf itti gaafatamummaa kee baratudha. Tokkoon tokkoon keenya ifa qabnu keessa deddeebi'uu qabna. Ati/si, Macaafa Quqlulluu fi Afuurri Qulqulluun Hiikaa keessatti warra dursaati. Warra yaada kennaniif dhiisuu hin qabdu.

Yeroo kennameef keesstti boqonnaa isaa dubbisi. Dhimma isaa adda baafadhu. Dhimma kee adda barafattees Qoqqooddaa jijjiirraa ammayyaa shanan wajjin wal bira qabiitii madaali. Keeyyataan kaa'uun kees sirraawwaa ta'uu qaba. Garuu kaayyoo jalqabara kan barreessichaa hordofuu qaba. Kunis onnee hiikaa kan ta'edha. Keeyyanni kamiyyuu dhimma ijoo tokko qaba.

1. Keeyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammafaa

3. Keeyyata sadaffaa

4. Kkf

**QO'ANNOO JCHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYA'E) 10:1-8**
**1Namichi qorneelewos jedhamu tokko mandara Qisaariyaa keessa jira ture. Inni kutata waraana warra Roomaa "Ixaaliqaa" jedhamee waamame irratti Angafa dhibbaa ture. 2Inni nama Waaqayyoof bule, maatii isaa hunda wajjinis Waaqayyoon kan sodaaate ture. Warra Yihuudootaa keessas dadhaboota kan turan baay'ee ni gargaare, yeroo hundumaattis dadhabbii malee Waaqayyoon ni kadhata ture. 3Gooftaa koo akka sa'aatii salgaffaatti mul'ata arge; mul'atichattis ergamaan Waaqayyoo iddoo jiru dhufee, "yaa Qorneelewos" jedhee itti dubbate. 4Qorneelewos yemjuus fajajee isa ilaalee sodaaachaa "Maal inni yaa gooftaa?" jedhee gaafate. Ergamichi immoo deebiseefii "Waaqayyo kadhata kee dhaga'eere. Dadhaboota gargaaruu kees yaadateera? 5Amma namoota Yoopheetti Ergiitii Siimoonis Pheexiroos jedhamu waamsisi. 6"Innoo Simoon isa gogaa duugu biroo keessummaa Manni Siimoon immoo isa galaana qarqaraati" jedheen. 7Ergamichi isatti dubbatee erga adeemee booddee, hojjettoota mana isaa keessaa nama lama, warra loltuu isaaf amanaman keessaa immoo nama Waaqayyoon sodaaatu tokko ofitti waamee, 8waan hundumaa isaanitti himee, Yoopheetti isaan erge.**

**10:1** Namichi tokko Qisaariyaa ture jijiiramuun Qorneelewos taatee guddaa ture ta'uyyuu kan hubatamuu qabu inni wangeelli akka cimuuf nama jalqabara hin turre. (1) tokkoffaa Samaairyaanota (2) itti aansees Xu'aashota Itoophiyaa warra Waaqayyoon sodaaachuu danda'an (3) itti fufees Qorneelewoos, kan dubbicha dhaga'e qofa osoo hin taaane, Humna waraana Roomaa kan geggeessu kan laficha akka dhaaluuf waadaan galameef turan. Xiyyeeffannoon gocha kanaa irra caalaa kan jijjiiramuu Qorneeleewoosiin walqabatu qofa hin turre. Sababni isaas, Inni duraayyuu nama Waaqayyoon sodaaatu ture. Garuu akkuma Xu'aashota lakkoofsi firootasaa fi hiriyoota isaa baray'inaan lakk 1, 24, 27, 44, 48 irratti ibsaman warra amanan ykn fayyanidha. Pheexiroosis dhima kana irratti akka gorsaa Yerusaalemitti HoE 15:7-9 fi waltajjii warra dubbicha dhaga'anii waldaa kiristiyaanaaf qopheesseera.

▣ **"Qorneeleos"** Yaadannoo bu'uuraa 1FF Bruces Commentary on the Book of the Acts" fuula 214 irraa akka jirutti Qorneelewos maqaa addaa kan '*publus*' cornelives sulla Dh.K.D bara 82 ekessa hojjettoota (slaves) 10, 000 '*Genscornelia*' kan isa iaallatu galmeessee irraa eegalee Roomaa keessatti beekkamaa ture.

▣ **“kutata waraanaa”** (a centurion) Kutata waraanaa kan jedhu kun Kakuu haaraa keessatti yeroo baay’ee ibsa gaariin erameera (cf. Mat. 8:5; Luq 7:2; 23:47; HoE 10:1; 22:5; 27:3 fi kkf). Haala Teeknikaawwan immoo geggeessitoota namoota dhibbaratitayyuu, komishinii waajjira, kanneen hin turre, waan tokkoorratti akka shantamaala olaanaatti.

▣ **“Ixaakuqaa Ixaaliyaa kan jedhamu”** Yeroo mara kutanni Ixaaliqaa Roomaa namoota 600’n gurmaa’a. keessumattiyyuu inni kun immoo namoota fedhii qaban kanneen Siiriyaa keessa qubatan kuma tokkoon hunaa’e. Ragaa seenaa irraa, Isaanis gargaartoota Ixaaliyaa ta’uu isaanii ni beekna. Mormitoota ta’uus ni danda’u. Loltoonni Room Paalestaayin keessa Keyyatanii turan. Kunis sababa finical Yihudootaaf ture.

**10:2 “nama Waaqayyoof bule”** Aarsaa kaffaluu isaatiif Ibsa kallattii sadiitu ture.

1. Nama Waaqayyo kabajuu (Lakk. 22) maatiisaa waliin.
2. Namootatti gaarummaa fi gargaarsa argisiisuu isaatiin obsa qabarachuudhaan.
3. Amala Waaqayyoon kadhachuu qaba (cf. lakk. 22; 13:16,26).

Namichi kun, gama amantiin, gama fedhiinii fi gama hawaasummaan nama mana sagadaa warra hurrii ba’anii (synagogue) waliin hidhata qabu ture. Garuu miseensa guutuu hin turre. Miseensa guutuu ta’uuf namni tokko waa’ee inni guutuu qabu:

1. Yoo dhiira ta’e dhagna qabachuu
2. Bakka dhuga baratonni jiraniitti of cuuphuu.
3. Yoo danda’ame, Aarsaa mana qulqullummaatti kan dhiyeessu

Ulaagaaleen kun namoonni fedhii qaban hedduun akka miseensa guutuu hin taane godheera.

▣ **“Maatiisaa hunda wajjiin”** Maatiin kun akka amantoota duriitti kanneen ibsaman keessaa isaa jalqabara kan HoE keessatti arginudha. (cf. HoE 10:2; 11:14; 16:15,31; 18:8). Kunis qabiyyee aadaa kan abbaran yoo amantii qabarate Daa’immanis, hojjettoota isaallee dabalatee amanticha fudhachuu danda’u jedhu ibsa.

▣ **“kennaa gargaarsaa hedduu”** Kunis kennaa gargaarsaa kennuu isaa ibsa. Qorneelewos, saba Yihuudootaaf nama tattaaffii qabeessa nama dhugaadhumaa kabajamaa ta’uu isaa agarsiisa kennaa gargaarsaa, mata duree addaa 3:2 irra jiru ilaali.

▣ **“yeroo hunda dadhabbii malee Waaqayyoon ni kadhata”** Gocha yeroo ammaa kan gocha itti fufaa waa’ee gaarummaa Qorneelewos ibsu sadiitu as keessa jira.

1. Sodaaachuu (present middle)
2. Kennaa gargaarsaa (present active)
3. Kadhachuu (present middle)

Gochaan namicha kanaa guyyaa guyyaadhaan kan itti fufee raawwatamuu fi dhuunfaa naummaa kana ta’edha. Kan barsiifni Judizimii deeggarusa wantoota lama hojjeteera. Kunis kennaa gargaarsaa kennuu fi kedhachuudha.

▣ **“akka sa’aatii salgaffaatti”** Kunis yeroo gochi sun itti dalgame kan ibsu (ie sa’a salgaffaa, cf. S.Ba’u 25:39,41; 1Mot 18:29; Far. 5:11; Dan. 6:10). Kunis kadhannaadhaaf sa’aatii amaleeffatamedha.

▣

**NASB, NRSV**

| | |
|---|---|
| **TEV** | **“ifatti arge”** |
| **NKJV** | **“ifumaan arge”** |
| **NJB, NIV** | **“adda barasee arge”** |

Wangeelota keessatti ibsi xummuraa “*phanerōs*” jedhu ifumaan ifatti ykn dhoksaa malee waan jiru tokko dalaguu jechuudha (cf. Mar. 1:45; Yoh. 7:10). Gochi biroon kan adda ta’e HoE 10. Kana keessatti kan “qulqullinaan” (clearty) ykn “haala mul’ataan” (plainly) jedhuun bakka bu’ama.

Mul’anni kun yeroo ifni aduu jiru keessa kan dhufe baay’ee kan dhugaa fi adda ta’edha.

▣ **“mul’atichatti Ergamaan Waaqayyoo”** Karaalee muraasaan jijjiiramni kun kan Phaawuloosiin wal fakkaata. Namni kun nama Waaqayyoon sodaaatu nama amantiis qabu ture. Waaqayyoos abgocha uumamaan olii akka amanuuf isatti erge. Eenyutu lakkii jedha? Jijjiiramni kunoo mallattoo filannoo Waaqayyootu malee fedhii namootaan kan ta’e miti. Namni kunis ragaa olii dhufeefi muuxannoo dhugaa wangeelaaf deebii kenneera.

**10:4** Ergaan Ergamaan Waaqayyoo kun fidee dhufes jechoota aarsaa lama “Fudhatamuu” fi “fuula Waaqayyootti yaadatamuu” kanneen jedhaman qaba. Dhugaan jirus Waaqayyo kadhata namicha kanaa fudhateera. (kadhannaa fi kennaa gargaarsaa inni godhe jechuudha). Osoo wangeela hin dhaga’iin durallee kana gochaa tureera.

▣ **“fajajee isa ilaale”** Barreeffama 1:10 irra jiru ilaali.

▣ **“maal inni yaa gooftaa”** Jecha Gooftaa jedhu kana hiikuun baay’ee ulfaataadha. Innis (1) “obbo” (mister) ykn mootii (Sir) (2) “Gooftaa (lord) kan gama tiyooloojiitiin (theologically); “Gooftaa”, “Abbara qabeenya”, “olaanaa” jedhudha.

Kakuu Haaraa keessatti barreeffamni gaariin waan faajjesu qaba. (Yoh. 4:1,11,15,19,49). Ta’ullee Hojii Ergamootaa keessatti filannoon ni jira. Qorneelewoos Ergamaa Waaqayyoo akka gooftaa (lord)tti ilaaleera. (cf. Mul. 7:14). Pheexiroos immoo sagalicha akka gooftaa (lord)tti fudhatee (cf. 10:13,15) (cf. 10:14). Kanaaf jechi kun wanta uumamaan ol ta’ee fi ibsa namummaa dhuunfaa kan Yesuus akka wabii addaatti fudhachuuf itti fayyadaman ibsa. 8:26 fi 29 irratti, Ergamaan gooftaa kan adda barafame, Afuura qulqulluudhaani. Ce’umsumti kana fakkaatu “sagalicha” fi “Afuuricha” jedhu gidduutti 10:13,14,14,19 fi 20 irratti mul’ateera.

**10:5 “ammas namoota Yoopheetti ergi”** Kunis Girgirsa gidduu gala ajajaati (AORIST MIDDLE IMPERATIVE). Wanti hubatamuu qab. Ergamaan Waaqayyoo wangeela hin qoonne, garuu Pheexiroositti erge. Waaqayyos humna namatti fayyadama (S.Ba’u 3:7-10). Namni kun, Waaqayyoon kan sodaaatu ta’uyyuu nama miira amantii (akka Phaawuloos) qabu kan wangeela Yesuus Kiristoos dhaga’uu fi deebii kennuu barbaradudha.

**10:7 “hojjettoota isaa keessaa nama lama fi warra loltuu isaaf amanaman ofitti waame”** Kun akka garii sadiitti ijaaraman godha. Ta’uyyuu lakk. 19 irratti lamaan isaanii qofatu eerame. Loltoonni Eeguuf, hojjettoonni man keessaa lamaan immoo, dubbii ta’uu danda’u.

**10:8** Qorneelewoos, maatii fi hiriyoonni isaa, akka amantii isaa keessatti hirmaatan godhe. Namni kun kan amaneen olitti jiraate. Hawaasni guutuun karaa isaatiin amananii gara Kiristoos dhufani.

Namoonni sadan kunneen dukkana keessa deemuu fi Ergaa Ergamaan Waaqayyoo itti himu, Gooftummaa isaanii fi amantii hiriyoota isaas dinqisiifachuu qabu.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYA’E) 10:9-16**

**[9]Borumtaas warri ergaman utuu adeemanii mandara Yoopheetti dhiyaatan Pheexiroos immoo akka sa’aatii ja’affaatti kadhachuudhaaf bantii aman isaanii isa diriiraatti ol ba’e. [10]Inni yommus beela’ee waan nyaatu barbaade, garuu utuu nyaanni isaaf qophaa’uutti jiruu of wallaalee mul’ata arge. [11]Bantiin Waaqaa banamee wanti akka baallee uffata guddaa mataa Afuriin hidhamee gara lafaatti utuu gad buufamuu arge. [12]Bineensonni miilla afur qaban, lafa irra kan munyuuqan, qilleensa keessa kan balali’anis hundinuu uffata sana keessa turan. [13]Sagalee immoo “Pheexiroos ka’ii; Qaliitii nyaadhu!” jedhee iti dubbate. [14]Pheexiroos garuu “matumaa kun hin ta’u; yaa gooftaa waan ciggaasiisaadhaa fi xuraa’aatti iaalamu takkaa nyaadhee hin beeku” jedheen. [15]Ammas sagalichi si’a lammaffaaf itti dubbatee, Waaqayyo kan qulleesse ati xuraa’aatti hin ilaaliin” jedheen. [16]Kun immoo si’a sadii ta’e wanti akka baallee uffataa sunis achumaan gara Waaqaatti deebi’ee ol fuudhame.**

**10:9 “akka sa’aatii ja’aaffatti kadhachuuf”** Barsiifni Judizimii kadhannaaf waaree dura sa’aatii dadii hanga waaree booda sa’aatii sagaliitti (yeroo guyyaa guyyaan ta’u) hundeeffatee, ture. Ta’uyyuu Faarisoonni ganamas akka yeroo mijataatti itti dabalatanii turan. Dhugaan jirus, Pheexiroos akka Aadaa jaarsoliitti ganamaan kadhachuuf kana hojjeteera, ykn Battaluma osoo laaqanaaf hin galiin dura Sillimii (nap) fudhachaa ture.

**10:10 “Inni ni beela’e”** Sabseenni mul’ata Pheexiroos kun, osoo beela keessa jiruu fi mana Siimoonii osoo deebi’uu Galaana Mediteraaniyaanii birattidha.

Jechi “Beela” (hunger) jedhu, kan bakka kana qofatti tajaajile Hogbarruuwwan Giriikii beekkamoo ta’an hunda keessallee jira. Hiika isaa sirrii beekuun hin danda’amu. Garuu, barreeffama kana keessatti kan mula’te dinqisiifamaadha. “Hapexlegomenon” jedhamee kan beekame kun (Jechoota Kakuu Haaraa keessatti si’a tokko qofa tajaajilan). Hanga odeeffannoon bal’aa ta’e kennamuufitti amanamuu hin danda’an. Luqaasis maaliif jech akanatti baray’inaan akka hin fayyadamne hanga ammaatti wanti ifa ta’e hin jiru. Garuu miira walii galaatiin karaa hunda beekkamudha.

▣ **“of wallaalee mul’ata arge”** Gama hogbarruutiin to’annoosaan ala ta’e ykn of ga’e jechuudha. Kun yeroo mara haala dinqiisaan tajaajilu (cf. Mar. 5:42; 16:8; Luq. 5:26) fi barreeffamoota hedduu kan akka ‘LXX” keessallee jirudha. Jecha Ingolizii kan “ecstesy” jedhuun jechoota Giriikii keessattis argina. Waraabbii kana keessatti fi 11:5, 22:7 irratti kan sammuun itti hin dadhabne (tasa kan ta’u) kan Waaqayyo nama dammaqina qabutti akka dubbatu affeeruudha. Jechi kun kan jecha lakk 3 irratti mul’atee Qorneelewos ibsu irraas addadha.

**10:11**
**NASB “samiin banamee”**
**NKJV, TEV “bantiin Waaqa banamee”**
**NRSV “bantiin Waaqaa sun banamee”**
**NJB “bantiin Waaqaa gargar banamee”**

Al si’aayina ammaa sirrii (present passive participle) kan gama hogbarruutiin, “bantiiwwan Waaqaa kanneen turanii fi kanneen banamuuf ittu fufan ibsudha”. Kakuu Moofaa keessatti bantiiwwan Waaqaa heddumminaan kan kaa’amanidha. Banamuun (Atmosphere) bantii Waaqaa kun jechama jireenya afuuraa kan t’aiiwwan hin mul’anne itti ta’anii fi kan gara dhugaa qabatamaatti geessudha. (cf. His 1:11; Mat. 3:16; Mar. 1:10; Luq. 3:21; Yoh. 1:51; HoE 7:56; 10:11 Mul. 4:1, 19:11).

▣ **“wantii akka barallee uffata guddaa”** Jechi kunis wanta akka sharaa doonii irratti tajaajiluu fakkaachuu isaa kan ibsudha.

**10:12 “Bineensonni miila afuur qaban hundi, lafa irra kan munyuqanii fi qilleensa keessa kan balali’an”** Kunis ramaddii bineeldootaa kan Uumama 1 fi 6:20 irra jiruun tokkodha. Dhugaan isaas Lewoota 11 irratti akka seera nyaata Yihudootaatti bineeldoota qulqullaa’oo fi warra quqlullaa’oo hin taane walitti kan qabudha.

**10:13 “sagaleen garasaa dhufe”** Yeroo kanatti Ennaa Yihuudotnni “wanta tokko kan Waaqayyo irraa beeksifamedha” yaada jedhu cimsanii fuedhatanii wanta “both kol” jedhamu irratti hudnaa’anidha. Kanas Kakuu Haaraa keessa Mat. 3:17; 17:5 akkasumas HoE 9:7 fi bakkuma kanattis ilaali.

**10:14 “matumaa kun hin ta’u, yaa gooftaa waan ciggaasisaadhaa fi xuraa’aatti ilaalu tokko nyaadhee hin beeku”** “Matumaa hin ta’u” kan jedhu gaalee Giriikii kan baay’ee cimaa ta’e…kan yeroo baay’ee beektoonni torbaratamni (septuagints) jechama Ibrootaa yeroo jijjiiran itti fayyadamaa turanidha. Pheexiroos hanga kanatti Yihudoota Ortodoksii ta’aniin mormaa ture. Innis dalagaa isaa kan bu’uura godhate, Seera Lewootaa boqonnaa 11 irratti ture. Kana ta’us, Yesuus Mar. 7:14 ff irratti dhimma kana adda barasee, keessattuu, Lakk 19 irratti sirriitti ibseera. Dhugaasaa hubachuuf wangeela Maarqoos kana kan inni kabaja Pheexiroos faa Roomaatti geggeessan irra deebi’ee walitti qabe hubachuun barbarachisaadha.

**10:15 “Waaqayyo kan qulleesse ati xuraa’aatti hin ilaalin”** Kunis si’aayina ajaja ammee gocha waawummaa ta’e kan gocha duraan yeroo mara raawwatamaa ture tokko akka dhiisaniif ajaju ibsa.

**10:16 “kun immoo si’a sadii ta’e”** Kunis wangeelota keessatti kan yeroo mara itti tajaajilamuu ykn beekkamaa kan hin taane kadhata barbarachisaaf, galateeffannaaf, fi gochoota irra deddeebi’amaniif tajaajiludha. (1)Yesuus gaara Sammaaneetti kadhachuusaa (cf. Marq. 14:36,39). (2)Yesuus du’aa ka’uun booda Pheexiroos wajjin mari’achuu isaa (cf. Yoh. 21:17). (3)Kadhata Phaawuloos isa foonsaa waraanaa jriuuf godhe. (cf. 2Qor. 12:8).

Kunis xiyyeeffannoo seemetic kan argisiisu (cf. Isa 6:3, Erm 7:4). Dhimma kana keessa, kan inni agarsiisu keessattuu Ilbara'ummaa Pheexiroos sagalee bantii Waaqaarraa dhufeef qabu agarsiisa.

"A.T.Robertson, *World Pictures in the New Testament*" jedhus qabxii kana irratti jecha ifa ta'e qaba.

> "Here isa a striking illustration of obstinacy on the part of one who acknowledges the voice of God to him…when the commond of the Lord crosses one's preference and prejudices. There are abundant examples to day of precisely this thing. In a real sense peter was maintaining a pose of piety beyond the will of the Lord" (p137).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYA'E) 10:17-23a**

**17 Pheexiroos waa'e hiikoo mul'aticha arge sanaaf yaada isaatti utuu dhiphatuu, kunoo, namoonni Qorneelewoos biraa ergaman, mana Siimoon hiyyaafachaa dhufani balbala dura ga'a. 18 Keessummaan Siimoon inni Pheexiroos jedhamu tokko mana kana jiraata? Jedhanii waamanii gaafatan. 19 Pheexiroos ammayyuu waa'ee hiikaa mul'ata argeetiif utuu yaadaa jiruu Afuurri qulqulluun "Kunoo jarri tokko alaa sibarbaadu" 20 "Kanaafis ka'ii gadii bu'i! Anatu isaan erge waan ta'eef, utuu hin mamiin isaan duukaa dhaqi!" ittiin jedhe. 21 Pheexiroos gara jaraatti gadi bu'ee. "Inni isain barbaaddan ana eessaa dhuftan?" jedhee isaan gaafate. 22 Isaan immoo "namciha qajeelaa Qornelewos jedhamu Waaqayyoon kan sodaaatu warra Yihudootaa hundumaa biraas Maqaa gaarii kan qabu angafa dhibbaa immoo kan ta'e tokkotu nu erge. Ergamaan Waaqayyoo inni qulqulluun Qorneelewoos mana isaatti si waamsisee kan ati itti himtu akka si irraa dhaga'uuf isa bboomee ture" jedhanii deebisan. 23 Phaaxiroos ol isaan waamee keessumsiise.**

**10:17 "Pheexiroos baay'ee yaadaan dhiphate"** Agarsiiftuu si'aayina mitsirrii (Imperfect acive indicative) kan asitti yeroo darbe keessatti jalqabamuu gocha raawwatamee bakka bu'u ibsa. Faaja'ummaa sammuu (mental confusion) agarsiisuuf Luqaas yeroo baay'ee itti fayydameeera. (cf. Luq 9:7; HoE 2:12; 5:24; 10:17). Pheexiroos kaayyoo mul'atichaa battalatti hin hubanne ture.

▣ **"mul'aticha"** Asitti jechi kun muuxannoo Pheexiroos ibsuuf tajaajileera (*horama*, Qorneelewoosiifis haaluma walfakkaatuun tajaajileera. Mul'ata lakk 3 irraaf jechuudha (cf. lakk 19).

**10:19 "afuurri quqlulluun isaatti dubbate"** Walitti dhufeenyi dubbii Afuura quqlulluu (lakk 19) fi dubbii Ergamaa Waaqayyoo (lakk. 3,22) gidduu jiru barreeffama kana keessatti kan hin amanamne ture (cf. Lakk. 20). Anatu isaan erge. Dhugaan isaa, Ergamaan kan dubbate gama afuura quqlulluun ala ta'eetu ykn lachanisaaniituu akka barnoota Kakuu Moofaa adda ba'anii eeramaniiru (cf. S.Ba'u 3:2,4; HoE 8:26,29).

**10:22** wanta raawwate sanatti amantiin qabaman

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"nama qajeelaa"** |
| **NKJV** | **"nama sirrii"** |
| **NRSV, NJB** | **"nama mudoo hin qabne"** |
| **TEV** | **"nama gaarii"** |

Jechi kun akka Kakuu Moofaatti, "Nama haaloo hin qabne" (blameless) kan jedhuun tajaajila. Garuu "Nama cubbuu hin qabne" (sinlessness) jechuu miti (cf. Uma. 6:1; Yaq. 1:1; Luq. 1:6; 2:25) ykn sirrummaa Kiristoos kan ibsu miti (Rom 4). Namichi kun fedhii Waaqayyoo mara hubatee nama jiraatu ture. Mata duree addaa sirrummaa 3:14 irraa ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | |
| **NJB** | **"sodaa Waaqayyoo"** |
| **NKJV** | **"kan Waaqayyoo sodaaatu"** |
| **TEV** | **"kan Waaqayyoof sagaduu"** |

Gaaleen kun (ykn kan kana fakkaatu) Qornelewoos nama akkamii akka ta'e ibsuuf gargaara (HoE 10:2, 22,35). Hojii Ergamootaa 13:16, 26, 43, 50 irratti imoo warra qomoo Yihuudootaa hin taane fi warra guutummaatti amanticha hin fudhanne, garuu warra itti fufinsaan mana sagadaa hurrii ba'an kan 'synagogue' jedhamu gargaaran ibsa. Isaanis "warra Waaqayyoon sodaaatan" jedhamaa turan (cf. 16:14; 17:4,17; 18:7).

**10:23 "ol isaan waamee keessumsiise"** Kunis seera Yihudootaa irraa adda kan ba'e Fakkeenya Pheexiroos itti fufee hojjete keessaa kan biro ture. Loltoonni isaan wajjiin dhufanis warra Roomaa ta'anillee, Pheexiroos Irbarataaf isaan affeeruu fi gurmuun kadhachuun isaani. Amanamaa kan ta'e ture. Kan hubatamuu qabus lakk 48 irratti Pheexiroos akkamitti guyyoota muraasaaf mana Roomaa akka turedha.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYA'E) 10:23b-29**
**[23]bBorumtaas jarreen gara isaatti ergamanii wajjiin ka'ee adeemee; obboloota Yoophee jiran keessaas. Jarreen otkko isaan wajjiin dhaqan. [24]Guyyaa itti aanuttis Qiisaariyaatti galan. Qorneeleloos immoo aantii isaatiif fi michoota isaa waammatee isaan eeggate. [25]Pheexiroos utu ol lixuuf jedhuu, Qorneelewos isa simuuf ba'ee, miila isaatti kufe sagadeef, [26]Pheexiroos immoo ol isa qabee "ka'i, anis akkuma kee nama'o!" jedheen. [27]Inni Qorneelewoosii wajjiin haasa'aa manatti ol galee, namoota baay'ee achitti walitti qabamanii argate. [28]Jaraan "Yihuudii kan ta'e hundinuu nama qomoo biraa wajjin walitti firoomuunii fi mana walii dhaquun seera akka hin ta'in, isin iyyuu gaarii gootanii beektu. Waaqayyo garuu, eenyumaan iyyuu cigga'amaa yookiis xuraa'aa akka hin jenneef anatti mul'iseera. [29]Kanaafan yemmuu isin na waamsiftan utuun ittiin hin mormiin dhufe; Ammas maaliif akka anatti ergitan baruu ni barbaada" jedheen.**

**10:24 "obboloota Yophee jiran keessaas jarreen tokko isaan wajjin dhaqan"** Akka boqonnaan 11:12 jedhutti kanneen turan kunis namoota ja'a turan. Taateen kunis akka Yihudoota warra Yesuus hordofan gidduutti rakkina fidu Pheexiroos dursee beekeetu ture. Kanaafis ragaalee muraasa fudhatee dhaqe (cf. 11:12).

▣ **"Qiisaariyaa"** Qiisaariyaan magaalaa baay'ee miidhagduu galaanaan marfamte turte. Isheenis maqaa kabaja mootii Roomaa "Qeesaar" jedhamuun moggaafamte. Isheenis Keyyata humna wraana Roomaa fi kurmaana Paalestaayinootaa bakka murtaa'aa (quarters) turte.

▣ **"Aantii isaatii fi Firoota isaa walitti waamee"** Qorneelewos, dubbii Waaqayyorraa eeguudhaan, Aantiisaa hunda, hiriyoota isaa hunda, hojjettoota isaa, haala danda'ameenis Loltoota biro warra maatii isaa dhihoo ta'an waame. Isaan hunduu yeroo yerootti (sa'aa sana keessatti) eegaa turan. Maal afuuri ta'uu fi eegamu manicha guutu qabu! Kanneen kun hundinuu waa'ee mul'atichaa fi ergaa isaa irratti mari'achaa turani.

Kunis, kan Raacitii geggeessitoota waldaa Yihuudootaa sodaaachisu (slocked), kan warri dubbicha dhaga'an hedduun, hedduun isaanii Waaqayyoon kan hin sodaaanne ta'anii, Afuura Quqlulluun guutamuu fi cuuphamuun marfamedha (cf. Lakk 27).

**10:25,27 "Pheexiroos utuu ol lixuuf jedhuu… Inni manatti ol ga'ee"** As irratti garaagarummaan ifa ta'e barreeffama Giriikii keessa jira. Ta'uyyuu, 'seenuun' isaa inni duraa Lakk. 25 irratti ibsame, balbala magaalichaa ta'uu kan danda'u lafa qe'ee keessaa fi inni lammaffaan 'olseenuu' isaa lakk 27 irratti eerame immoo mana Qorneelewos ta'uu danda'a. Dhimmi isaa akkas ta'uyyuu Pheexiroos jila kabaja Yihudootaa ammas mana warra dubbicha dhaga'anii ol seenuu isaatiin jeeqeera.

**10:25 "miilla isaatti kufee sagadeef"** Kan jecha Beektoota torbaratama (Septuagint) fi wangeelootaan kadhachuu/sagaduu ibsuuf beekkamaa ta'edha. Garuu, galumas barreeffama kanaa keessatti "kabaja kennuu" kan jedhu haala gariin yaada isaa ibsa (cf. NJB). Ergamaan Waaqayyoo akka namni kun dhaquuf dursa haala mijeessee ture, kanaafis Qorneelewoos Ger gama kana kabajee; ulfeesse (cf. Mul. 19:10; 28:8-9).

**10:28 "Yihudii kan ta'e hundinuu, nama qomoo biraa kan ta'e wajjin walitti firoomuuni seera akka hin ta'iin isin iyyuu gaarii gootanii ni beektu"** Pheexiroos duree barsiifata leenjii Yihudootaa ykn kan mana

barumsa Mana Sagada warra hurrii ba'anii (synagogue school) irraa yaada kana fudhate. Ta'uyyuu, kun Kakuu Moofaa keessatti hin argamu, garuu salphaadhumatti duree barsiifata Yihudootaa hiikuu keessatti mul'ata.

▣ **"nama qomoo biraa"** Kakuu Haaraa keessatti jechi kun barreeffama addaa ta'ee kan asitti qofa argamudha. Boqonnaa kana keessatti Luqaas jechoota baay'ee darbanii darbanii mul'atan hedduu filatee ture.

1. *eusebēs*, lakk 2,7, waan amantiinsaa jedhuuf kan abboomamu (cf. 2Pheex. 2:9)
2. *prospeinos*, lakk 10 Beela
3. *dienthumeomai* lakk. 19, calaqqeesisaa
4. *sunomileō*, lakk 27, Dubbatame
5. *athemiton*, lakk 28 nama qomoo biraa
6. *allophulō*, lakk 28, Nama qomoo biraa
7. *anantirrētos*, lakk 29, kaayyoo tokkollee taanaan kan hin kaafne (cf. HoE 19:36).
8. *prosopoēmtēs*, lakk 34, Nama nama kabaju (Rom 2:11, Efe. 6:9; Yoh. 2:19 walfakkaata)
9. *katadunastevō*, lakk 38, cunqursuu (cf. Yaq. 2:6)
10. *procheirotoneō*, lakk 41, dursa kan filatame.

Luqaas ilaalchaa fi ta'ii kana maddoota ykn galmeewwan biro irraa akka fudhateef dhiise wanti beekkamuu fi amanamu hin jiru.

▣ **"Waaqayyo garuu eenyummaaniyyuu cigga'amaa yookis xuraa'aa akka hin jenneef anatti mul'iseera"** Pheexiroosis Ergicha argate! Bineensonni Barallee uffata keessaa. Dhala namootaa hunda kanneen bifa Waaqayyoon uumaman bakka bu'an (cf. Uma. 1:26-27). Jaalalli Waaqayyo Qorneelewoosiif, maatiisaa fi hiriyooa isaaf qabus Ergaa wangeelli guutuu addunyaaf qabu Pheexiroositti argisiise. Kunis dhuga ba'umsa Filuphisiyas fi Isxifaanos kan jabeessudha.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYA'E) 10:30-33**

**30Qorneelewoos deebisee, bultii Afur dura yeroodhuma amma kanatti, mana kootti kadhata sa'aatii salgaffaa kadhachaa utuun jiruu namni tokko uffata adii qaanqee uffatee ana dura dhaabatee. 31Qorneleewoos Waaqayyo kadhata kee dhaga'eera, dadhaboota gargaaruu kees siif yaadateera. 32Ammas Yopheetti nama ergi, Siimoon isa Pheexiroos jedhamu waamsisi. Inni Siimoon isa gogaa duugu, manni isaa galaana qarqaraa bira buufatee jira; anaan jedhe. 33Kanaaf ani achumaanan sitti erge; dhufuun kees ba'eessa ta'e, ammas nuyi hundumtii keenya waan gooftichi sitti nuuf hime hundumaa si irraa dhaga'uudhaaf fuula Waaqayyoo duratti walitti qabamnee jirra" jedheen.**

**10:30 "uffata adii qaanqee"** Ergamoonni Waaqayyoo yeroo maraa bifa kanaan mul'atu (cf. 1:10; Mat. 28:3; Mar. 16:5; Yoh. 20:12; Luq. 24:4).

**10:31** Kunis boqonnaa kana keessatti kan hojiin Qorneelewoos yeroo sadaffaaf murkanaa'eefidha (lakk. 4,22). Dinqisiisaa kana ta'e Qorneelewoos miti, kan dinqisiifamu kan maatiinsa, hojjettotnisaa fi hiriyoonni isaa Yesuusitti amananidha. Kunis Hojii Ergamootaa keessatti kan "Fayyina Maatii" jedhuuf fakkeenya guddaa ta'a.

Nutis warri yaada "Western evangelical models of even gelism" jedhu keessatti guddachaa jiru, kana dhuunfaadhaan. Fedha ofii kan ta'e filachuu irratti xiyyeeffatu irratti deebii kennuuf. Debii waliinii kanaan aja'ibsiifamaadha. Garuu, hakri caalaan addunyaa kanaa garee fira dhiigaa irratti bu'uureffame qabdi. Waaqayyo garuu namoota bifa isaan uume kana bira ga'uuf karaalee adda addaa hojjechuu danda'a. Namni fakkeenya aagummaa (evangelism) ta'e hin jiru!

**10:33** Namoonni kunirraa dhaga'uuf qophaa'aniiru! Akka aangoo Waaqummaa (divine). Waaqayyo ergaa isaa wajjin isa ergeettis dhugoomfataniiru.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYA'E) 10:34-43**

**[34]Yemmus Pheexiroos jaratti dubbatee "Waaqayyo akka nama wal hin caalchifne, amma hubadheera. [35]Saba biyya lafaa hundumaa keessaa, namni isa sodaaatu. Inni waan qajeelaa hojjetus, isa biratti fudhatamaadha. [36]Waaqayyo dubbii isaa namoota Israa'elitti erguu isaa, Missirachoo nagaa Yesuus Kirisoosiin lallabuu isaa, Yesuus Kiristoos kun immoo gooftaa namoota hundumaa ta'uu isaa, gaarii gootanii ni beektu. [37]Cuuphaa Yohaannis lallabe booddee Galiilaadhaa jalqabee, biyya Yihuudaa hundumaa keessatti kan raawwatames ni beektu. [38]Waaqayyo Yesuus nama Naazireet kana hafuura qulqulluudhaan dibee humnaan akka isa guute. Inni naanna'ee hojii gaarii akka hojjete, seexanaan kan cunqurfaman akka fayyise, Waaqayyo isaa wajjin akka tures beekamaadha. [39]Nuyi biyya Yihudootaatii fi mandara Yerusaalemitti, waan Yesuus hojjete hundumaatti, dhugaa baatuu isaati. Jarris isuma mukatti fannisanii ajjeesan. [40]Waaqayyo garuu guyyaa sadaffaatti du'aa isa kaase, akka inni mul'atu godhee. [41]Haa ta'uuyyuu malee nama hundumaatti utuu hin ta'iin, Nuyi wanta dhugaa baatuu isaa akka taanuuf fo'amnee, du'aa ka'uu isaa booddee isa wajjiin nyaannee dhugneetti mul'aeera. [42]Inni wangeelicha namootatti akka lallabuuf, warra jiranii fi warra du'an irratti abbaa firdii ta'ee moosifamuu isaas, akka dhugaa baanuuf nu abboomeera. [43]"Raajonni hundinuu, namni isatti amanu hundinuu maqaa isaatiin dhiifamuu cubbuu akka argatu isaaf dhugaa ba'aniiru" jedhe.**

**10:34 "Waaqayyo akka nama wal hin caalchifne"** Kunis lallaba Pheexiroos Qorneelewoositti lallabeef kan jalqabarati. Innis lallaba waldooleen durii, warra Yihuudoa hin turreef godhaniif fakkeenya gaaridha. Kakuu Moofaa keessatti seerri gaalee kanaa amala Waaqayyoo ibsu (cf. S.Kees. 10:17; 2Seen. 19:7) fi saba isaa barbaraduu isaati (cf. S.Kees. 1:17; 16:19). Innis amala Waaqayyoo bara Kakuu Haaraa keessaafis beekkamaadha. (cf. Rom. 2:11; Gal. 2:6; Efe. 6:9; Qol. 3:24-25; 1Phex. 1:17). Kakuu Moofaa keessatti Gama Hogbarruutiin gaaleen kun "Bifa ol kaasuu" (to lift the face) jechuudha. Mana Murtii Ibrootaa keessatti abgocha ykn himatamtoonni yaada of irraa kaasuuf yaalan (defendants) Mataa isaanii furaasaa hidhatu kunis akka abbaran seeraa sun namicha hubachuu dhabuu fi wal caalchisuun raawwachuu isaa ibsa.

Waaqayyo kanatu caalaaf sanatu caala hin qabu. (lammummaan, saalaan, dhuufnaan). Yoo kun dhugaa ta'e, dalagaan adda addummaa durii akkamitti hojjetamaa ture? Yookiin Israa'eloonni akkamitti adda ta'anii turan? Sirna tiyooloojii ammayyaa sirritti hubadhu!

**10:35 "saba biyya lafaa hundumaa keessaa namni isa sodaaatu; Inni waan qajeelaa hojjatus isa biratti fudhatamaadha"** Ibsi kun fayyina afuuraa kan ibsu miti; agruu dhugaadhumaan kennaa gargaarsaa, kadhata, amantii eeguu yaada jedhu kan ibsudha. Mata duree addaa 3:2 irra jiru ilaali. Gaaleen kun gama 'tiyooloojiitiin' dhugaa fudhannaa wangeelaan madaalamuu qaba (cf. Yoh. 1:12; 3:16; Rom. 10:9-13).

Gatsirri guddaan, Waaqayyo warra dubbicha dhaga'ani ani Amatnii Yihudootaa kana ala ta'an illee fudhachuu isaati Furmaanni kunis gulantaa 'tiyooloojii' kan Hojii Ergamootaa 15 irratti, Gorsitoota Yerusaalem (The Jerusalem Councils)'f ta'edha.

**10:36 "dubbii isaa namoota Israa'elitti erge"** Kunis Kakuu Moofaa kan ibsu miti, garuu barsiisa Yesuusii fi ergamootaatis.

▣ **"misiraachoo nagaa Yesuus Kiristoosiin lallabuu"** Kunis Isa. 52:7 kan eerudha. Jechi "misiraachoo/nageenya" jedhu Kakuu Haaraa keessatti karaalee sadiin tajaajila. (1) misiraachoo (nageenya) Waaqayyoof namummaa gidduu jiru (cf. Qol. 1:20); (2) Misiraachoo dhuunfaa amanaa dhuunfaaf ta'u (cf. Yoh. 14:27; 16:33; Fil. 4) fi (3) Misiraachoo garee namootaa warra Yesuusiif of kennan gidduu jiru (cf. Efe. 2:1-3,6; Qol. 3:16). Gufuuwwan dhala namaa hunduu Kiristoos keessatti gad bu'anii ilaalamu (cf. Gal. 3:28; Qol. 3:11)!

▣ **"Gooftaa namoota hundumaati"** As irratti Firiiwwan ergaa waliigalaa fi wangeelli gooftaa Yesuus namoota hundaaf ta'uu isaa hanga ammaattillee kan dubbaramu kan ta'e, jijjiirama guutuu Yihudoota Ortodoksii ta'an gidduutti fiduuf kan dubbatamedha.

**10:37,39 "wanta raawwate isinuu ni beektu"** Akka lallaba Pheenxaqoosxeetti, Pheexiroos bifa tokkoon fayyadamaa ture (cf. 2:22,23). Isaanis waa'ee Yesuusii fi wanta Yerusaalemitti isa irra ga'e hundumaa ni dhagan turan. Kan dinqii ta'e garuu, akkaataa itti namoonni kun odeeffannoo kana hunda argatanidha.

Pheexiroos dinqisiifannaatti fayydameeeraa? Namoonni kunneen hoo ta'ii Yerusaalem tokko tokko irratti hirmaataniiruu? Namoonni hojjettota manaa ta'an kunneen Yihudoota turanii? Barreeffamni kun sirritti ifa kan ta'ee fi kan sirriitti battala beekuu nuti hin dandeenyedha.

Lallabooni muraasni kana kan ibsan:

1. Luqaas Lallaba Hojii Ergamootaa hunda barreesse (Luqaas barreessaa afaan 'koine' (greek) gaarii ture, garuu, lakk 36-38 sirrii <u>miti</u>, fudhatama Giriikiif).
2. Luqaas osoo hanqina seerluga isaa hin sirreessiin sirriidhumaan waan fudhateef maddi isaa dhugaadha.
3. Gaaleen kunis maal jechuu (hiikni isaa) akka ta'e, warra booda Hojii Ergamootaa dubisaniin hubatameera (cf. *The Jerome Commentary* Vol. II, p189).

**10:37 "cuuphaa Yohaannis lallabe booddee"** Cuuphaan Yesuus cuuphame kan inni amantoota waliinis walqabatu, sababa Yohaannis "cuuphaa qalbii garaa geeddarannaa" kennaa turefidha. Yesuus waan cubbamaa hin turreef, yaada garaa geeddarachuu ykn dhiifama argachuu isa hin barbarachisu ture (cf. 2Qor 5:21; Ibr. 4:15; 7:26; 1Phex 2:22; 1Yoh. 3:5). Yaaxinni jiru garuu

1. Isa hordofuuf, Amantootaaf fakkeenya gaarii ta'uufi.
2. Fedhii amantootaa waliin adda ba'uu isaa ture.
3. Dibamuu fi hojii Waaqayyoof qophaa'uu isaa ture
4. Mallattoo hojii fayyisuu isaati.
5. Ergaa Yohaannis cuuphaa mirkaneessuu fi ergaa isaa galmaan ga'uudha.
6. Lubummaa isaatiin gaaddidduu du'a isaa, awwaalamuusaa fi ka'uu isaa kan ibsudha (cf. Rom 6:4; Qol. 2:12).

Cuuphaan Yohaannis kunis akka jalqabaratti, kan ilaalamu akka "Hojii Afuuraa guutamuu" (sprit filled ministry) Yesuusitti muummeen yaada wangeela (synoptic) sadanii hundi gocha eebbifamaa kana galmeessaniiru. Maarqoosis wangeela isaa gocha kanaan eegaleera. Waldooleen duriis akka inni guutummaa hojii Yesuusiin wal qabatutti, akka jalqaba jireenya (umurii) haaraatti karaa afuura ilaalu.

**10:38 "Yesuus nama Naazireet kana hafuura quqlulluudhaan dibee humnaan isa guute"** Kan hubatamuu Pheexiroos waa'ee Yesuus ibsuu isaati.

1. Waaqayyo isa dibee Ibrootaan kan hidda "Masihii" jedhu irraa dhufedha.
2. Afuura qulqulluudhaan (jireenya haaraan, jireenya Afuuraati).
3. Humnaan guute (taatee hojii sagalee Waaqayyooti)
   a. Gaarii hojjechuu
   b. Kanneen seexanaan miidhaman fayyisuu (Aangoo afuura hamaa fi seexanaa cabsuu).
4. Waaqayyo isa faana ture (Gama YHWHtiin dubbachaa fi hojjechaa ture).

Dhugaan isaas, cuuphaa Yesuus ibsduha (cf. F.F.Bruce, *Answer to Question* pp 171-172). "Robert B. Girdlestone *Synonyms of the old Testament*" jedhus yaada gaarii ta'e kaa'eera.

Gochimni "*XPIEIV*" jedhu Kakuu Haaraa keessatti si'a shan tajaajileera. Kana keessaas Aran isaanii ergaa dibamuu Yesuus Waaqayyoon a'e kan maqaan dhahamee Luq. 4:18 kan Isa. 61:1 irraa fudhatame, Ibr. 1:9 kan Faar. 45:7 fudhatame; HoE 4:27 kan ibsa addaa waliin, Faarsaa isa lammaffaarraa fudhatamee battalumatti bakka bu'ee fi HoE 10:38 bakka Waaqayyo Yesuus dibbuu isaa dubbachaa jirru (p183).

Mata duree addaa "kerygma" jedhu kan 2:14 irra jiru ilaali.

**10:39 "jarris isuma mukatti fannisanii ajjeesan"** "Jarris" kan jedhu kun, geggeessitoota Yihuudootaa, gartuu algaltoota (mob) fi olaantummaa Roomaa (Roman authorities) calaqqisiisa. Yaadannoo 2:23 irra jiru dubbisi. Yaadni "Mukatti fannisanii" jedhu kan 5:30 irratti eerame S.Kees 21:23 calaqisiisee (kan jalqabatti uranii hordaa/utubara mukaa) irratti salphisuuf du'a booda nama tokko fannisan ibsa; garuu, guyyaa hayyicha Yesuus akka Roomaatti fannisanitti hojiitti hiikeera), bakka Yesuus barumsa Kakuu Moofaa kana raawwatee seerasaas xumure (cf. Isa 53 fi nuutis (cf. Gal. 3:13).

**10:40 "Waaqayyo isa kaase"** Kakuu Haaraan sadan tokkummaan hundi akka du'aa ka'uu Yesuus irrati hojjetaa ibseera. (1) afuura quqlulluu (Rom. 8:11) (2) Yesuus (Yoh. 2:19-22; 10:17-18)fi (3) Abbara (HoE 2:24,32; 3:15,25; 4:10; 5:30; 10:40; 13:30,33,34,37; 27:31; Rom. 6:4,9). Kunis ibsa jrieenya dhugaa Yesuus, ud'aa isa waa'ee Waaqayyoo barsiisuu isaati. Kunis "kerygma" (lallaba hojii ergamootaa keessaaf) kallattii ijoo kan ta'edha.

▣ **"guyyaa sadaffaatti"** Sababa 1Qor. 15:4f muraasni isaa Faar. 16:10 ykn Hos 6:2n walqabata caalmaan garuu Yoh. 1:17 irra isa jiruun sababii Mat. 12:40n walqabata.

**10:40-41 "nama hundatti osoo hin taane, warra fo'ametti akka inni mul'atu godhe"** Yesuus gareewwan filataman muraasatti mul'atee ture (cf. Yoh. 14:19,24; 15:27; 16:16,22; 1Qor. 15:5-9).

**10:41 "erga inni du'aa ka'ee booddee warra isa wajjiin nyaatee dhuge"** Haalli kun ta'uyyuu Du'aa ka'uun qaama Yesuus, soorrata qaama hin barbaranne, garaa kan inni barbarade dhuga ba'umsa addaa kan dhugaa ta'uu isaa fi Isaan waliin ta'uu isaa argisiisuuf turedha (cf. Luq. 24:35,41-43; Yoh. 21:9-13).

**10:42 "Innis wangeelicha namootati akka lallabnuuf nu abboome"** Maqdhaalli (qoodni maqaa) "Inni" jedhu Yesuus ibsa. (cf. Mat. 28:18-20; Luq. 24:47-48; HoE 1:8; Yoh. 15:27). Ragaan kun Yerusaalemitti eegalanii akka biyya lafaa mara ga'aniif ture.

▣ **"warra jiraniif warra du'an irratti abbara firdii ta'ee moosifame"** Firdiif Yesuus bakka bu'aa Abbarati (cf. Dan. 7:13-14; Yoh. 5:22,27; HoE 17:31; 2Qor. 5:10; 2Xim. 4:1; 1Phex. 4:5). Akka uumama keessatti bakka bu'aa Abbara ture (cf. Yoh. 1:3; Qol. 1:16; Heb. 1:2). Yesuus fayyisuuf dhufe malee firdiif hin dhufne (cf. Yoh. 3:17-19).

Gaaleen "jireenyaa fi du'a" jedhu, gama Iskaatoo loojiititin murtee/firdii yeroo lammaffaa dhufudha. Kan inni ibsu, Amantoonni muraasni jiraatoo ta'uuf jiru (cf. 1Tas. 4:13-18).

**10:43 "raajonni hunduu dhugaa isaaf ba'aniiru"** Yesuus duuka buutota isaa lamaan warra gara Emaa'us deemaa jiraniitti (Luqaas 24:13-35 qofaarratti kan galmaa'e). Eessattii fi akkamitti akka Kakuu Moofaan isa ibsu (ilaallatu) itti mul'ise. Kunis duuka buutota mana irraa turanitti argisiifamuu fi odeeffannoon kuni Yihudootaaf qunnamtii sadarkaasaa eeggateen dhugaa ba'insa ta'e (cf. 3:18).

▣ **"maqaa isaatiin"** (cf. Yoel 2:32 fi Luq. 24:47).

▣ **"namni kamiyyuu, kan isatti amanu, dhiifamuu cubbuu ni argata"** Ergaan wangeelichaas kanadha.

1. Namni kamiyyuu
2. Maqaa isaatiin
3. Kan isatti amanu
4. Dhiifamuu cubbuu ni argata

Innis xiyyeeffannoo Yesuus kan ta'e, xiyyeeffannoo dalagaa miti (kan dhiifama cubbuuti malee). Kanneen kun hundinuu nama kamiif, eenyumaafillee, fayyuuf kan godhamuufidha. Waaqayyos yeelloon bu'ee akka hojjetu kakuudhaan filate. Kanaafis kaka'umsa godhee, dhimma (agenda) saas ni dhiyeesse diddiirrachuu amantiin, abboomamuunii fi sabriif akka fooyya'aniif jechuudha. Dhalli namaas kennaa Waaqayyoo karaa Yesuus kenne kana fudachuu qabu. Innis daddarbii hatattamaa miti.

Frank Stagg, "*New Testament theology*" kan jedhu keessatti yaada gaarii ta'e "Dhiifama cubuu" fi walitti dhufeenya inni yaada garaa geeddarachuu wajjin qabullee yaadee kaa'eera.

Dhifamni beekumsa cubbuutii fi karaa isa irraa deebi'anu dhaamsa dabarsa. Dhugumaan isaa kan amanamu dhiifamnii fi qulqulloofni qalbii diddiirrannaa faana bu'a. (1Yoh. 1:9) garuu bakkii qalbii diddiirrannaa itti hin kennamne hin jiru. Pheexiroos dhifama cubbuu amantii waliin walitti firoomsa. Raajonni hundinuu, "namni isatti amanu hundinuu maqaa isaatiin dhiifamuu cubbuu akka argatu, isaaf dhugaa ba'aniiru" jedha. HoE 10:43. Haala kanaan qaolbii diddiirrannaaf dhuga- ba'insaan, namni tokko 'cubbuu isaa kan ofii kn kan ofii gochuu' hdiisuu ni danda'a. Kna jechuun garuu dhiifamuun cubbuu mo'a jechuu miti, irra caalaa iyyuu qalbii

diddirrannaan dhiifamaaf gatii tokko iyyuu hin kennu. Akka namni biraa isa kaa'eetti cubbamaan sun akka gatamee fi fudhatama akka argate hubachuu qaba. Akkasumas inni ofiin isaa akka hin fudhatamne ni hubata. Cubbamaanhamma isa Waaqayyo 'miti' jedhu 'eyyee' jedhutti gurra isaatiin dhaga'uutti dhiifamni hin jiru. "Isatti amanuu" isa jedhuuf mata duree Addaa 3:16 irra jiru ilaali.

**BARREEFFAMA "NASB" (FOOYYA'AA): 10:44-48**
**[44]Utuu Pheexiroos dubbii kana itti himaa jiruu, hafuurri qulqulluun warra dubbchia dhaga'an hundumaa irratti bu'e. [45]Warra Yihudootaa keesaa amantoonni Pheexiroos wajjin Yopheedhaa dhufan kennaan hafuura quqlulluu saba Waaqayyoo warra hin ta'iiniif kennamuu isaa rganii akka abjuu ta'a. [46]Warri hafuura qulqulluu fudhatn sun utuu isaan afana dur hin beekneen dubbatani, guddina Waaqayyoos mul'isnaii, isaan dhaga'an. [47]Pheexiroos kana irratti "Jarreen amma hafuura qulqulluu, akkuma nuyi argannetti argatan kun akka cuuphamneef eenyutu bishaan dhoowwachuu danda'arre?" jedhe. [48]Isaan maqaa Yesuus Kirisoositti akka cuuphamaniif, abboome, jarri ergasii Pheexiroos isaan bira akka turruuf ni kadhatan.**

**10:44** Hubadhu! Pheexiroos erga Afuurri quqlulluun bu'eellee lallaba isa ahin xummurre.

▣ **"warra dubbicha dhaga'aa jiran hundarratti"** Muddamni gama tiyooloojiitiin tures waa'ee Qorneelawoos hin turre. Innis guutummaan guutuutti mana sagadaa warra hurrii ba'an kan "synagogne" jedhamuun fudhatamee ture. Kunis hiriyoota isaa hunda ture! Isaani yaalii walitti dhufeenyaa kan hin qabne, fi amma immoo Waaqayyo guutummaan guutuutti isaan fudhate. Fuhdatamni kunis kan ibsamee fi kan mirkanaa'e, mul'ina aangoo afuura Quqlluu kan amma "Phenxaeqoosxee" keessatti mul'atudha.

Akkasumas kn hubatamuu qabu duraa duubni ykn tartiibni gochichaa jijjiiramuu isaati. Afuurri, cuuphaa bishaanii dursee dhufe malee isaanis kan walqabate hin turre (cf. 2:38) ykn booddee isaallee taanaan (cf. 8:17).

Wanta ta'e kna Luqaas galmeessee, malee "wanta ta'uuf jiru" miti. Wanta gara duraatti deemu kan wangeela kana keessaa Hojii Ergamootaa keessatti galmaa'ee duubatit deebisuu ykn gufachiisuu irraa of eeggadhu ykn xiyyeeffadhu.

**4:45** Ibsi Afuura Quqlulluu uumamaan ol ta'e (cf. lakk 46) kan "pheenxeqoosee" irratti ta'e ammas tammato Roomaanota irrattis ta'eera. Mallattoon addaa kunis Qorneelewoosii fi hiriyootasaa qofaaf hin turre, gauru durumaan durseeyyuu Amantoota dhagna qabataniifis ta'eera (cf. lakk 47). Innis humnaan kan argisiifame "Faashinii" ykn wanta haaraa Waaqayyo ittiin guutumatti warra isa dhaga'an simatudha, Roomaanotallee dabalatee jechuudha Luqaas gulantaa hogbarruu Hojii Ergamootaa 15, hiree ture Gorsitooa Yerusaalemii.

Pheexiroosii fi Phaawuloos lacha isaaniituu, Amantoota Orma akka Waaqayyo guutummaan guutuutti fudhatu barsiisaa hubachiisaa turaniiru. Kunis warra dubbisaa dhaga'an karaa Kiristoosiin fayyiseetudha.

▣ **"kennaa Afuura quqlulluu"** Hojiin Afuura Quqlulluu, ifaan ifatti Yoh. 16:8-14 irratti sirriitti ni mul'ata. Miira tokkoon yoo ilaalle, cubbuu ofii beekuun, mataasaatti kennaa afuura qulqulluutis fayyinnis mataasaattuu kennaa afuura quqlulluuti. Cubbuu jalaa du'uun kenyaa afuura qulqulluuti. Kunis bara haaraa kan Afuura quqlulluuti. Wanti dhaabbataa ta'ee fi ga'umsaan hojjetu jiraachuu fi humna hafuura qulqulluun ala hin jiru.

▣ **"akka Roobu ta'ee"** Kunis argisiiftuu Alsi'aayina sirriiti. "Roobuu" kan jedhu qaama sinra wareegama bara Kakuu Moofaa ture. Innis Afuura Quqlulluu Yoel 2:28 fi kan lallaba "Pheenxeqoosxee" Pheexiroos fudhate (cf. 2:17,33) irratti tilmaama kennee ture. Afuurri Qulqulluun guutummaan guutuu fi dhaabbatumaan amantootaaf Waaqayyoon kenname.

**10:47** Kunis gaaffiiwwan ogummaa jecha babbareedaadhaan ilaalcha namaa jijiiiraniif, deebii "lakkii" jedhu fida. Gaaffiin kunis yaadina Amantoota Yihudootaa warra Yopheedhaa Pheexiroos waliin dhufan argachuudhaaf ture.

**10:48 "isaan maqaa Yesuus Kiristoositti akka cuuphamaniif abboome"** Wanti hubatamu cuuphaan sun ariitiin ykn battaluma sanatti ta'uu isaati. Akkasumas, kan hubatamuu qabu Maqaa Yesuusin, akkuma 2:38 fi 19:5 irratti ta'uu isaati. Yaaxdeemsi cuuphaa Hojii Ergamootaa kana keessaa "Maqaa Yesuusiin" kan jedhudha. Ennaa Maat. 28:19 irratti immoo maqaa sadeen tokkummaa jedhu yaaxdeemsi furmaata miti, garuu furmaata kan ta'e laaphaa kaadhimamtootaa sanadha.

## GAAFFILEE MARII

Kun qajeelfama qo'annoo yaadaa kan Macaafa Qulquluu hiikuudhaaf itti gaafatamummaa kee baratudha. Tokkoon tokkoon keenya ifa qabnu keessa deeddeebi'uu qabna. Ati/isin, Macaafa Quqlulluu fi Afuurri Quqlulluu hojii hiikaa keessatti warra dursaati. Warra yaada kennitootaaf jettees dhiisuu hin qabdu.

Gaaffileen kunneenis, dhimmoota gurguddoo kutaa Macaafa kana keessa jiran irratti akka yaadduuf siif kennamani. Kana jechuunis, maalummaasaa tilmaamuu malee murteessuu jechuu miti.

1. Fayyinni Qorneelewoos maaliif baay'ee barbarachisaa ta'ee?
2. Fayyinni Qorneelewoos akkamitti kan Phaawuloos waliin ilaalma?
3. Barbarachisummaa "tiyooloojii" Bineeldoota waan akka barallee uffata guddaa keessaa fi yaadni Pheexiroos walitti dhufeenya Qornelewoos irratti qabarachuusaarrati maali?
4. Maaliif hiriyoonni Qorneelewoos jijjiirama rakkoo akka si turani?
5. Lallaba Pheexiroosiif gumee qopheessiti ta'iiwwan fayyinaa biro kanneen Hojii Ergamootaa keessa jiraniin wal bira qabii madaali. Hanga ammaatti tokko ta'anuu hundi isaaniyyuu adda adda.

# HOJII ERGAMOOTAA 11

## HIIKAA HAARAA KEYYATAAN HIIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Pheexiroos waan hojjetame waldaa Yerusaalemitti himuu isaa | Pheexiroos ayyaana Waaqayyootiif dhaabachuu isaa | Falmii Pheexiroos | Pheexiroos waan hojjetame waldaa Yerusaalemitti himuu isaa | Yerusaalemi Pheexiroos waan godheef sababa dhi'eessuu isaa |
| 11:1-18 | 11:1-18 | 11:1-18 | 11:1-4 | 11:1-10 |
| | | | 11:5-17 | |
| | | | | 11:11-14 |
| | | | | 11:15-17 |
| | | | 11:18 | 11:18 |
| Waldaa Anxookiyaa | Baarnaabaasii fi Phaawulos Anxokiyaatti | Tajaajila Giriikota Anxokiyaa keessaaatiif godhame | Waldaa Anxokiyaa | Buruura waldaa Anxokiyaa |
| 11:19-26 | 11:19-26 | 11:19-26 | 11:19-26 | 11:19-21 |
| | | | | 11:22-24 |
| | | | | 11:25-26 |
| | Gargaarsa warra Yihudootaa jiraataniif godhame | Gargaarsa beelaa Yerusaalemitti ergame | | Baarnaabaasii fi Phaawuloos akkabakka bu'ootaatti Yerusaalemitti ergamuu isaanii |
| 11:27-30 | 11:27-30 | 11:27-30 | 11:27-30 | 11:27-30 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A guide to good Bible reading" fuula vii irraa)**
***SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HORDOFUU***

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Quqlulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoonkeenya aka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Quqlulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonicha al-tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shaniin madaali. Keeyyataan hiruun dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaaf furtuudha. Kun immoo gidduu galeessa hiikichaati tokkon tokkoon keeyyataa gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. Kkf

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA "NASB" (FOOYYA'AA): 11:1-18**

**[1]Ergamoonnii fi obboloonni Yihuudaa jiranis, warri saba Waaqayyoo hin ta'in iyyuu dubbii Waaqayyoo akka fudhatan dhaga'an. [2]Kanaaf yeroo Pheexiroos gara yerusaalemitti ol ba'etti, Yihudoota keessaa amantoota kan ta'an, isaan morkanii. [3]Atii immoo mana warra dhagna hin qabatiniidha. Qixxee isaanii wajjin nyaattu iyyuu miti?" jedhaniin. [4]Kan irratti Pheexiroos waan ta'e hundumaa, jalqabaa jalqabee *tarreedhaan* isaanitti *hime*. [5]"Mandara Yophee keessatti kadhata godhachaa utuu jiruu, of walaaleen mul'ata arge. Kunoo, wanti akka baallee uffata guddaa,mataa arfaniin hidhamee, Waaqa irra gad buufamee, dhufee ana bukkee bu'e. [6]Hubadhee yommuun ilaales bineensa lafa irraa miilla afur qaban, bineensota wal nyaatan, kan munyuuqan qilleensa keessa kan balal'inais isa keessatti nan arge sagalee [7]Ka'i Pheexiroos qaliitii nyaadhu!" naan jedhuun immoo dhaga'e. [8]Ani immoo deebisee, "Matumaa kun hin ta'u yaa gooftaa, wanti ciiqaasisaanii fi xuraa'aatti ilaalamu takkaa afaan koo lixee hin beeku' nan jedheen." [9]Sagalichi Waaqa irraa immoo deebisee, "Waaqayyo kan qulqulleesse, ati xuraa'aatti hinilaalin!" jedhe. [10]Kun si'a sadii ta'e, kana booddee akkuma jirutti deebi'ee gara Waaqayyootti ol fuudhame. [11]"Yommusumma jarri sadii warri Qisaariyaadhaa gara kootti ergaman, mana ani ture san dhufa. [12]Hafuurri qululluun garaa garummaa tokko illee utuu hin agarsiisin, isaanii wajjiin akkan dhaqu anatti hime. [13]Qorneelewos immoo ergamaa Waaqayyoo mana isaa keessatti akka arge, ergamichi, 'Hopheetti nama ergi, Simoon isa Pheexiroos jedhamu waamisis, [14]Inni dubbii atii fi warri mana kee hundinuu ittin fayyitan sitti ni hima' akka ittiin jedhe nutti hime. [15]Yeroo ani dubbachuu jalqabetti Hafuurri quqlulluun akkuma jalqaba nu irratti bu'etti isaan irratti bu'e. [16]Yommuus isa gooftaan, 'Yohaannis bishaaniin isin cuuphe, isin garuu Hafuura Qulqulluudhaan ni cuuphamtu" jedhe nan yaadadhe. [17]Egaa isaan akkuma keenya gooftaa Yesuus Kiristositti yeroo amanan, Waaqayyo kennaa hafuuraa isa nuuf kenne, isaan kanaafis erga kennee, ani eenyuun ta'eetan Waaqayyoon dhowwuu danda'aree?" jedhe. [18]Isaan kana hundumaa erga dhaga'anii, morkiin isaanii gab jedhe kana irratti isaan, "Egaa'oo, yaada garaa isaanii geeddaratanii akka ittiin jiraataniif. Waaqayyo warra saba isa ahin ta'iniifis karaa kenneera kan" jechaa Waaqayyoon galateeffatan.**

**11:1** Lakkoofsi kun bulchiinsi waldootaa taateewwan kanaan dinqisiifamuu isaanii agarsiisa. Isaan na'aniiru isa hin deggerres! Isaan ergama isa guddaa hin hubanne (cf. Mat. 28:18-20; Luq 24:48; HoE 1:8).

▣ **"obboloonni"** Kun maqaa amantoonni durii ittiin waamaman kan tokkummaa akka maatiitti qabnu ol kaasee mul'isudha (cf. 1:18; 6:3; 9:30; 10:23; 11:1,12,29; 12:17; 14:2; 15:1,3,22,32-33,40; 17:6,10,14; 18:18,27; 21:7,17; 22:5; 28:14-15) Kiristaana ta'uun qaama maatii tokkoo ta'uudha!

▣ **“Yihuudaa jiranis”** kun daangaa lafaa waldaan hanga Yeroo sanatti qabdu agarsiisa. Wagaa baay’ee boodde illee waldattiin daangaa akka aadaatti qabdu irra darbitee hin sochoone. Abboommiin Yesuus 1:8 keessatti kaa’e hin kabajamne!

▣ **“warri saba Waaqayyoo hin ta’in iyyuu dubbii Waaqayyoo akka fudhatan”** Kun murteessummaa ergaa wangeelaa dhuunfaa ofiitti fudhachuu agarsiisa (cf. Yoh. 1:12; 3:16; Rom. 10:9-13; Efe. 2:8-9)

Gaaleen “dubbii Waaqayyoo” jedhu kun “wangeela” wajjin wal fakkaataadha. Raajiin Kakuu Moofaa inni hundumaa hammatu raawwatamaa jira.

**11:2 “yeroo Pheexiroos gara Yerusaalemitti ol ba’etti”** Mul’inatti rakkoon tajaajila warra saba Waaqayyoo hin ta’inii inni hanga boqonnaa 13tti itti fufu bulchiinsa waldaa duriitiif rakkoo irraa deddeebi’amee mul’ateedha. Kiristiyaanummaa akka haaraatti warra fudhatan baay’een isaanii ilaalcha naannummaa keessaa hin bane (cf. 15:5; 21:18-26).

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“itti qabaman”** |
| **NKJV** | **“dura dhaabatan”** |
| **NRSV, TEV** | **“ceepha’an”** |
| **NJB** | **“morman”** |

Seer-Lugni hima kanaa gocha yeroo darbe keessa irra deddeebi’ame yookiin jalqabamuu gochaa agarsiisuu danda’a. Amantoonni aadaa hordofan kun Pheexiroos dura dhaabatan malee wangeela dura miti. Kun dhimma wangeelaa akka ture isaan hin hubanne.

**11:3 “ati immoo mana warra dhagna hin qabatinii dhaqxee isaanii wajjin nyaate iyyuu mitii?”** Pheexiroos dursaa dura hin dhaabatamne akka hin taane beekamaadha, akka seer-lugaatti lakkoofsi kun hima yookiin aaffii ta’uu danda’a (NRSV).

Warra Yihudootaa biratti dhimmi mijaala tokko irraa waliin hirmaachuu kun baay’ee barbarachisaadha. Kunis dhimma seera nyaata Lew. 11 keessa jiruun kan wal qabate ta’uu danda’a. Yihuudonni kana’aanotaa wajjin taatee hawaasummaa kam iyyuu hirmaachuu hin qaban ture. Naannoo dura gara bahaatti dhi’aatutti nyaachuun gosa akuu tokkummaa ture.

Yesuus haaluma walfakkaatuun aadaa cabse jedhamee himatamee ture (Mat. 9:11; 11:9; Luq. 5:30; 15:2 keessatti).

Pheexiroos tajaajila isaa keessatti dhimma kana wajjin wal’aansoo qabe (cf. Gal. 2:12). Dhimmi kun amantoota jalqabara kanaaf dhimma baay’ee of eegganoo barbaradu ture dudhaa, aadaa fi fedha dhuunfaa keessa deebi’anii madaaluun baay’ee ulfaataadha, garuu wangeelli akka kana goonuu nu irraa barbarada (cf. 1Qor. 12:13; Gal. 3:23-19; Qol. 3:11).

**11:4-18** Pheexiroos waan mana Simoonii fi Qornelewositti ta’e (HoE 10) geggeesitoota Yerusaalemi jiranitti hime. Irra deebiin kun (cf. walga’ii Yerusaalemitti ta’e isa boqonnaa 15 keessa jiru) karaa Luqaas ittiin hangam dhimmi kun (biyya lafaatti wangeela lallabuu) jireenya waldatiitiif barbarachiisaa ture agarsiitiisudha.

**11:4**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“tarreedhaan”** |
| **NKJV** | **“jalqabara jalqabee tooraan”** |
| **NRSV** | **“sadarkaa sadarkaadhaan”** |
| **TEV** | **“qabiyyee guutuu”** |
| **NJB** | **“gadifageenyaan tutuqee”** |

Jecha *katherēs* jedhu Kakuu Haaraa keessatti Luqaas duwwaatu gargaarama (cf. Luq. 1:3; 8;1; HoE 3:24; 11:4; 18:23). Kunis yaada waan tokko tartiiba yaadaatiin, yeroodhaan yookiin tooraan ibsuu jedhu of keessaa qaba. Kun immoo mala qorannoo (cf. Lu 1:1-4). Eenyummaa, fi leenjii ogummaa (ogeessa fayyaa) Luqaasii wajjiin kan wal-simuudha.

**11:6 “hubadhee yommuun ilaales”** barreeffama 1:10 irra jiru ilaali.

**11:12**
**NASB** **"utuu hin sodaaatin"**
**NKJV** **"shakkii tokko malee"**
**NRSV** **"garaa garummaa tokko malee"**
**TEV** **"mamii tokko malee"**
**NJB** **"mamii hin qabu"**

Caaseeffama dubbii kanaan walqabatee barreeffamoota Giirkii garaa garaa baay'eetu jiru. Barreeffama Giriikii p45 fi D keesssatti siruma iyyuu irra darbameera. Qaamni rakkichaa filannoowwan jiran keessaa tokko 10:20 keessatti dursee argamuu isaati, kun immoo barreeffama kanaa wajjin wal fakkaataadha. Warri kitaaba maxxansan durii yaadonni wal fakkaatan akka wal siman gochu yaalaa turan. Akkuma garaa garummaa yaada galumsaa Kakuu Haaraa keessa jiran baay'ee isaanii, kun hiika gaalee kanaa hin miidhu.

**11:14 "ittiin fayyita"** Amalli gaariinii fi garraamummaan Qornelewos Kiristiyaana isa hin goone!

**11:15** Wanti gaafa Pheenxeqoosxee ta'e kaayyoo isaa mala akka ta'e irra deebi'amee ta'uu isaa ilaaluudhaaf akka barsiisu amantiitti lakkoofsi kun baay'ee murteessadha. Waaqayyo warra sanyiidhaan, teessuma lafaatiinii fi aadaadhaan saba Waaqayyoo hin ta'in simachuu isaa agarsiisuudhaaf sirna eebbara Yerusaalemitti ta'e sanatti dhimma ba'e (cf. 4:17). Wantii ta'e sun Qornelewos duwwaaf utuu hin ta'in (1) Pheexiroos (2) Yihuudoota amanan warra isaanii wajjin turan; fi (3) waldaa Yerusaalemiifis ture 11:16 "isa gooftaa…jedhe nan yaadadhe" Kun akkaataa ergamoonni durii ittiin waa'ee barsiisa amantatti dhi'aataan agarsiisa; Yesuusin caqasuu, fakkeenyota Yesuus fayyadamu, yookiis Kakuu Moofaa caqasuu (cf. Mat. 3:11; HoE 1:5). Pheexirsoos Waaqayyo guddina kana duraan duree akka beeku dubbachuu isaati (mallattoo).

**11:17 "erga"** Kun barreessichi yaada kan dhugaa ta'uu isaa amanuu isaa agarsiisa.

▣ **"Waaqayyo kennaa hafuuraa isa nuuf kenne, isaan kanaafis erga kennee"** kun akkuma lakk 15 guyyaa Pheenxeqoosxee agarsiisa (cf. 2:1-4; 8:15; 10:46; 15:8). Fayyinni akkuma Hafuura Quqlulluu kennaa Waaqayyo biraa kennamudha (cf. Rom. 3:24; 5:15-17; 6:23; Efe. 2:8).

▣ **"gooftaa Yesuus Kiristoositti yeroo amanan"** Kun kennaa ta'uu qaba (cf. 11:1; Yoh.1:12; Efe. 2:8-9). Kakuu Haaraa keessa maxxantuuwwan Yesuusitti amanuu ibsan baay'eetu jira.

1. *ēpi* = irratti (asitti
2. *ēis* = keessatti
3. *en* = keessa
4. *hoti* = dubbii waa'ee Yesuus
5. MAXXANTUU malee YEROO KAN AGARSIISAN

Garaa garummaan kun "amanuu" wajjin caasaan seerlugaa addatti walqabate akka hin jirre waan agarsiisu fakkaata. Yeroo baay'ee yaada namni dhuunfaa yaada mataa ofiin ibsutu mul'ata (hōti irraa kan hafe, kana jechun qabiyyee wangeelatti yookiin seera geggeeffamu amantii jechuudha). Yesuus isa simatamudha!

**11:18 "morkiin isaanii gab jedhee…Waaqayyoon galateeffatan"** Dhuga-ba'umsi Pheexiroos morkicha dhaabuu irra kan darbe galataaf karaa bane! Geggeessitoonnii fi amantoonni durii kan baay'een isaanii barsiifamuu kan danda'anii fi yaada ofii jijjiiruun kan itti hin ulfaanne turan. Barsiisa seera amantii isaanii fooyyeessanii geggeessaa Waaqayyoo hordofuudhaaf fedha qabu ture.

▣ **"egaa'oo, yaada garaa isaanii geeddaratanii akka ittiin jiraataniif, Waaqayyo warra saba isaa hin ta'iniifis karaa kenneerakaa"** Kakuu Haaraa keessa barreeffamoota Waaqayyo madda yaada garaa geedarannaa fi eebbara ta'uu isaa agarsiisan baay'eetu jira (cf. HoE 5:31; 8:22; 2Xim. 2:25).

Dhimmi amantii gaalee kanaan wal-qabatu, "Waaqayyo inni hundumaa danda'u, ol-aantummaan isaa akkamitti fayyinaa fi deebii namaa isa barbaradamu wajjin wal-qabata?" Amantii fi yaada garaa geeddarachuun

(cf. Marq. 1:15; HoE 3:18,19; 20:21) deebii namni laatudha moo kennaa Waaqayyooti? Barreeffamoonni ciminaan kennaa Waaqayyoo ta'uu isanii agarsiisan jiru (cf. HoE 5:31; 11:18; Rom. 2:14; fi 2Xim. 2:25). Macaafni Qulqulluun guutummaan guutuutti fudhatama kan qabu ta'uu isaa waanan amanuuf (cf. 2Xim. 3:16), namni tokko barreeffama dhimma amantiin kamiin illee wal-qabatu barreeffamoota hundumaan madaaluu malee kutaa tokko qabatee addati ba'uu hin qabu. Waaqayyo tokkichi inni dhugaan waan hundumaa akka to'atu beekamaadha! Hojii Ergamootaa kana irra deddeebi'ee agarsiisa. Haa ta'u iyyuu mlaee, amama isa keessaa isa o;-aanaa isa ta'e kanaa wajjin kakuudhaan hariiroo uumuu barbada. Yeroo hunduma Waaqayyoo jalqaba yaada qopheessa, garuu dhalli laachuu qaba. Kun gaaffii deebii filannoo qabu miti. Kun yeroo hundumaa hariiroo wal-qabataadha. Mata duree addaa: Kakuu jedhu 2:46 irraa ilaali. "Yaada garaa geedarannaatiif" mata duree addaa 2:38 irra jiru ilaali.

**BARREEFFAMA "NASB" (FOOYYA'AA): 11:19-26**
**[19]Ari'atamuu yeroo Isxifaanoos du'e waldaa irratti ka'e sana keessa, amantoonni hamma Finiiqeetti hamma Qophrositti akkasuma hamma Anxokiyaatti bittinaa'anii turan; lafa dhaqanitti immoo Yihuudoota duwwaatti dubbii gooftaa ni himu turan. 20Isaan keessaa warri qophroosii fi Qareenee garuu, Anxokiyaa yommuu dhufan dubbii gooftaa warra Giriikotaattis immoo dubbatanii gooftaa Yesuus misraachoo himan. [21]Irreen gooftaa isaanii wajjin ture, namoonni baay'eenis amananii gara gooftaatti ni deebi'an. [22]Oduun kun waldaa amantoota Yerusaalem bira ga'e, achii Baarnaabaasiin Anxokiyaatti ergan. [23]Inni dhufee, ayyaana Waaqayyo isaaniif kenne yommuu argatti, ni gammade; gooftaatti amananii garaa isaanii guutuudhaan akka itti cimaniif, isaan ni gorse. [24]Innoo nama gaarii, hafuura quqlulluudhaan guutuu, amantii isaatti jabaa ture; namoonni baay'eenis gara gooftaa dhufan. [25]Baarnaabaas yommus Saa'oliin barbaaduudhaaf gara Xarsees dhaqe. [26]Yeroo isa argatettis gara Anxokiyaatti isa fide; waggaa sana guutuu waldaa sanaa wajjin wal arganii, namoota danuu barsiisaa turan. Bartoonni jalqaba duraa Anxokiyaatti "kiristiyaanota" jedhamanii waamaman.**

**11:19-30** Lakkoofsi kun seenaa duuba deebi'ee kan yaadachiisuu fi guduunfaa barsiisa amantii fakkaata. 8:4 wajjin walqabata.

**11:19 "ari'atamuu… ka'e sana keessa amantoonni… bittinaa'anii turan"** Hojii Ergaootaa keessatti fakkeenya ari'atama kanaa baay'ee arganna (cf. 5:17ff; 6:8-15; 8;1-3; 9:1-2). Hubannaan Isxifaanos yaada bu'uraa wangeelaa irratti qabu amantoota Yuhudotaa Phalistiinaa keessa jiran akka isaan amantii isaanii fi kaayyoo wangeelaa irra deebi'anii ilalan dhiibbara isaan irraan ga'e.

▣ **"Anxokiyaa"** Anxokiyaan Roomaa fi Aleksaandiriyaatti aantee magaalaa guddoo sadaffaa Impaayera Roomaa turte. Isheenis magaalaa kan keessa jiraatan ta'uu isheetiin beekamti. Akkasumas dorgommii konkolaataatiin (gaarii) addunyaa irratti beekamtuu turte. Giddu-galeessa kiristiyaanummaa guddoo ta'uuf jirti!

▣ **"dubbii gooftaa Yihudoota duwwaatti ni himu turan"** Kun kan inni agarsiisu waldaan isheen jalqabaa Ormootaaf wangeelli lallabamuun isaa sirrii itti fakkaachaa hin turre. Warren akka hin lallabamneef barbaadan jecha Yesuus Wangeela Mat. 10:5 irratti dubbate eeru. Warren mul'ata qaban garuu Mate. 28:18-20 ykn HoE. 1:8 eeru. Dubbiin tiyooloojii HoE 15 irratti gaggeessitootti dhiyaata.

▣ **11:20 "warri Qophrosii fi warri Qareenee"** Warrri kun Yihuudoota HoE 6-8 afaan Giriikii dubbatan warra amantoota turanii fi Yerusaalem keessatti wangeelli kiristiyaanotaa saba hndumaaf akka ta'u warra jalqaba lallabuu jalqabanii wajjin tokkuma. Bararnaabaras nannoo kanaa nama ergamee ture.

▣ **"warra Giriikotaatti"** Jechi (*Hellēn*) jedhu kun warra saba Waaqayyoo hin ta'in agarsiisa (cf. 14:1; 16:1,3; 18:3; 19:10,17; 20:21; 21:28). Haa ta'u iyyuu malee 17:4 keessatti saba Waaqayyoo warra hin ta'iin warra mana sagadaa wajjin walqabatan, garuu miseensa warra hin taane (warra Waaqayyoon sodaaatan) kan agarsiisudha.

Gaafiin jiru, "warri Luqaas itti lallabuu jedhu eenyu isaan?" (1) Yihudoota afaan Giriikii dubbatan 6;1 fi 9:29 (*Hellēnists*) ykn (2) Ormoota afaan Giriikii dubbatan? Lakkoofsi kun (1) gartuu Yihudootaa kan biraa (cf. NKJV,

NRSV); (2) Omroota mana sagadaan wal qabatan (*Hellēn*); moo (3) guutummaan guutuutti Ormoota warra ta'an (cf. TEV, NJB) agarsiisa? Yaadni waliin makaan kun akkuma jirutti ta'ee, jechichi warra afaan Giriikii dubbatan; kana keessaas muraasni Yihudoota biyya alaa irraa dhufan ta'uu dadna'a, warri kaan immoo warra guutumaan guutuutti Omroota ta'anidha.

▣ **"Gooftaan Yesuusin misiraachoo himan"** Jechi "wangeela lallabuu" jedhu kana irraa dhufe. Ergaan isaanii waa'ee seeraa fi shaakala Kakuu Moofaa utuu hin ta'in waa'ee Yesuus namni Naazireet Masihi ta'uu isaa ture!

**11:21 "irreen gooftaa ta'uu isaanii wajjin ture, namoonni baay'eenis gara gooftaa dhufan"** Kunis dubbii guuduunfaa waa'ee sochii Waaqayyoo isa guddaa karaa lallaba waa'ee sochii Waaqayyoo isa guddaa karaa lallaba wangeelaa ta'e kan agarsiisu isa kan biraadha. Dhuma irratti HoE 1:8 raawwatamaa ture (cf. Lakk. 24b).

Jechi "gooftaa" jedhu (*kurios*) jalqaba lakkoofsa kanaa irratti Waaqayyoon agarsiisuudhaaf (cf. Ba'u. 3;14; 2Sam. 3:12; Isa. 59:1) akka gargaare hubachuun gaariidha. Garuu, lakkoofsicha gara booddeetti Yesuus Kiristoosiin agarsiisuudhaaf gargaare. Aangoo jecha agarsiisu kana wal jijjiiranii fayyadamuun mala barreeffamaa beekamaa barreessitoonni Kakuu Haaraa Waaqummaa yesuus ittiin agarsiisuudhaaf dhimma itti ba'anidha.

"Irreen gooftaa" inni jedhu jechama Kakuu Moofaa keessatti amala namaatiin Waaqayyoon ibsanidha. Waaqayyo (YHWH) afuura bara baraan jiraatu kan yeroo fi uumama dabarsee jiraatudha. Inni qaama qabatamu hin qabu. Haa ta'u iyyuu malee, dubbiin tokkoo fi tokko namni ittiin wanta namaan wal fakkaatu kam illee ibsuu danda'u jechoota dhalli namaa itti dhimma ba'udha. Daangaa nama cubbamaa, yeroon darbuu, fi jireenya lafa irratti hidhamee jiruu yaadachuu qabna. Namni waa'ee hojii hafuuraa fakkeenyaan, birqabaranii fi karaa naannawaadhaan ibsa. Kunis dhugaa ibsa, garuu guutummaan guutuutti beekuu keenyaa fi ibsuu keenyaa irra baray'isee guddaadha. Inni dhugaatti nu wajjin ni dudubbata garuu amma iyyuu Waaqayyo kana caalaa guddaa akka ta'e hubachuu qabna! Afaani namni dhimma itti ba'u ibsuus, daangeessuus ni danda'a!

**11:22 "Bararnaabaras"** Hojii Ergamootaa keessatti Bararnaabaras nama fakkeenya guddaa ta'udha (cf. 4:36-37; 9:27). Hiikaan maqaa isaa akkuma lakk 23 keessatti beekamu jajabeessaa jechuudha. Waldaan Yerusaalem amma illee warri saba Waaqayyoo hin ta'in hammatamuu isaaniitti gammadoo miti! Mata duree addaa 4:36 irra jiru ilaali.

**11:23** Bararnaabaras ayyaana Waaqayyo isaaniif kenne yommuu arge, hunduma isaanii amantiitti akka cimaniif isaan jajjabeessuu isaa hubachuun gaariidha. Kunis ifaan ifatti, namoonni Waaqayyoo haala ulfaataan keessatti kaayyoodhaaf dhaabachuu cimuu akka qaban agarsiisa. Yihuudonni fi waldaan sun aadaa naamusa gaarii hin qabne isa amaatti dhabdummaa keessa jirutti baay'ee qabamu ture. Wangeelli fayyina bilisaan kennamu duwwaa utuu hin ta'in waamicha gara karaa Waaqayyootti dhufufisi (cf. Mat. 5:48; Rom 8:28-29; 2Qor. 3:18; Gal. 4:19; Efe. 4:1; 1Tas. 3:13; 4:3; 1Phex. 1:15). Waaqayyo nama biyya lafaa baddetti amala isaa calaqisiisu barbarada. Kaayyoon kiristiyaanummaa yeroo duunu mootummaa Waaqayyootti galuu duwwaa utuu hin ta'in, namoonni kaanis Kiristoositti akka amananiif har'a Kiristoosiin fakkaachuudha!

**11:24 "innoo nama gaarii, hafuura qulqulluudhaan guutuu, amantii isaattis jabara ture"** Ibsi kun kan amantoota warra afaan Giriikii dubbatanii HoE 6:3,5 keessaa wajjin baay'ee wal fakkaatu waldaan duree namoota akkasittiin guutuu turte! Kun utuu kan bara keenyaa, aadaa keenyaa fi waldaa keenyaas ta'ee akkam gaariidha.

**11:25 "Bararnaabaras yommuus Saa'olin barbaraduudhaaf gara Xarsees dhaqe"** Xumurri barreeffama warra Gibiixii keessa jiru (garuu LXX miti) Saa'oliin argachuun salphaa aka hin taane agarsiisa. Jecha kana Luqaas duwwaatu Kakuu Haaraa keessatti gargaarama (cf. Luq. 2:44,45; HoE 11:25). Waaqayyoonni qabanaa'oon kun Gal. 1:21 keessatti agasiifamaniiru.

**11:26 "waldaa"** Mata duree addaa 5:11 ilaali.

▣ **“gara Anxokiyaatti isa fide… Bartoonni jalqaba duraa Anxokiyaatti ‘kiristiyaanota jedhaman”** jalqabatti “warra amantii hin qabneen mogaafame ture. Kan nama dhibu jechi kun jecha baray’inaan dhimma itti hin ba’amnedha. Haalli ijaarsa jechichaa (dhuma irratti *ianos*) caaseffama jecha namoota nama tokko deggeramanii fi hordofanii fakkaata. Herodis (fi maatiin isaa) “Herodians” (cf. Marq. 3:6; 12:13; Mat. 22:16) (garee Herodis) jedhamu. Jechi “kiristiyaana” jedhu kun biyya aadaa warra Giriikii qabu kana keessatti gargaaruun isaa akkamitti aangoon afaan Ibrootaatti Masihii (Kiristos) jedhamu kun maqaa duuka buutota Yesus (kiristiyaanota) akka ta’e agarsiisa.

Akka naannoo Giriikotaa ta’uu isaatti, maqaan kun kan kenname aanga’oota mootummaatiin warra Yihudoota amantootatti adda barasuudhaaf ta’uu danda’a.

**BARREEFFAMA “NASB” (FOOYYA’AA): 11:27-30**

**[27]Gidduu sanatti raajonni tokko Yerusaalemii gara Anxokiyaatti gad bu’an. [28]Isaan keessaa tokkos Agaabos kan jedhamu ka’ee, lafa hundumaa irratti beelli jabaan akka bu’u, hafuuraan raajii dubbate; kunis bara mo’icha Kalaawudiiyositti raawwatame. [29]Bartooni kana irratti adduma addaan hamma danda’an obboloota warra Yihuudaa jiraatan *gargaaruudhaaf* ofitti muran. [30]Akkuma yaadanis godhanii, gargaarsicha harka Baarnaabaasii fi Saa’olitti gara maanguddoota waldaatti ergan.**

**11:27 “faajonni”** Kakuu Haaraa keessatti Raajonni yeroo baay’ee caqafamaniiru (cf. 13:1; 15:32; 21:10; 1Qor. 12:28; 14:1-5,29-33; Efe. 2:20; 4:10). Hojiin isaanii akka asitti mul’atutti raajii dubbachuu yookiis immoo akkuma 1Qor 14 fi HoE 2:17 mul’ata ta’uun isaa beekamaa miti (cf. 13:6; 15:2; 1Qor. 12:28; 14:1-5,29-33; Efe. 2:2; 4:10).

Kakuu Moofaa keessatti raajonni akka warra afaan Waaqayyoo ta’anii mul’achuu Waaqayyoo ibsaniitti ilaalamu, Kakuu Haaraa keessatti garuu warra namatti mul’achuu Waaqayyoo gidduu jiran miti. Kun barreessitoota Kakuu Haaraa, warra baay’een isaanii ergamoota yookiif kan dhiifamudha. Kennaan raajii Kakuu Haaraa keessatti daangaa qabarachuu qaba. Barri Waaqayyo itti karaa namaa namatti mul’atu darbeera (cf. Yih. 3 fi 20).

**MATA DUREE ADDAA: RAAJII KAKUU HAARAA**

I. Kun akka raajii Kakuu Moofaa isa yaada Waaqayyo karaa namaa (raajotaa) namatti of mul’isa jedho of keessaa qabuu miti (cf. HE 3:18,21; Rom. 16:26). Macaafa Qulqulluu barreessuu kan danda’u raajota duwwaadha.
   A. Museen raajii jedhamee ture (cf. Keessa Deebii 18:15-21).
   B. Macaafonni Seenaa (Iyyaasuu-Moototaatti [Ruut irraan kan hafe]) “raajiiwwan jalqabaa” jedhamu (cf. HE 3:24).
   C. Raajonni akka madda odeeffannoo Waaqayyo biraa dhufuutti iddoo angafa lubootaa bu’u (cf. Isaayyaasi Milkiyaasitti).
   D. Kitaabota qulqulluu Ibroota keessaa gartuu lammaffaa “raajota” (cf. Mat. 5:17; 22:40; Luq. 16:16; 24:25,27; Rom. 3:21).

II. Kakuu Haaraa keessatti yaadni kun karaa baay’eedhaan gargaara.
   A. Raajota Kakuu Moofaa fi yaada ergaa isaanii agarsiisuudhaaf (cf. Mat. 2:23; 5:12; 11:13; 13:14; Rom 1:2).
   B. Ergaa gartuu murtaa’eef utuu hin ta’in nama dhuunfaaf darbu agarsiisuudhaaf (raajonni Kakuu Moofaa sadarkaa duraatti Israa’elotatti dubbataa turan).
   C. Yohaannis cuuphaa (cf. Mat. 11:9; 14:5; 21:26; Luq. 1:76). Fi Yesus lamaan isaanii iyyuu warra mootummaa Waaqayyoo labsan ta’uu isaanii agarsiisuudhaaf (cf. Mat. 13:57; 21:11,46; Luq. 4:24; 7:16; 13:33; 24:19).
   D. Raajota biro Kakuu Haaraa keessa jiran
      1. Waa’een jireenya Yesus jalqabaa wangeela Luqaas keessatti barreeffameera (waan Maariyaam

yaadattu)

a. Elsaabex (cf. Luq. 1:41-42)
b. Zakkaariyaas (cf. Luq. 1:67-79)
c. Simi'oon (cf. Luq. 2:25-35)
d. Hannaa (cf. Luq. 2:36)

2. Utuu hin beekin raajii dubbatame (cf. Qayyaafaa, Yoh. 11:51)

E. Nama wangeela labsu agarsiisuuf (kennaa garaa garaa 1Qor. 12:28-29; Efe. 4:11 keessa jiran).

F. Kennaa waldaa keessatti itti fufee jiru agarsiisuudhaaf (cf. Mat. 23:34; HoE. 13:1; 15:32; Rom 12:6; 1Qor. 12:10,28-29; 13:2; Efe. 4:11). Yeroo tokko tokko kun dubartoota agarsiisuu danda'a (cf. Luq. 2:36; HE. 2:17; 21:9; 1Qor. 11:4-5).

G. Macaafa Mul'ata Yohaannis isa baddii booddee biyya lafaatti dhufuuf jiru dubbatu agarsiisuudhaaf (cf. Mul. 1:3; 22:7,10,18,29).

III. Raajota Kakuu Haaraa

A. Isaan akka raajota Kakuu Moofaa mul'ata nama dammaksu hin kennan (Macaafa Qulqulluu). Dubbiin kun ta'uu kan danda'eef sababa HE. 6:7; 13:8; 14:22; Gal. 1:23; 3:23; 6:10; Fil. 1:27; Yih. 3,20 keessa gaaleen "amanticha" jedhu jiruufidha.

Yaadni kun gaalee guutuu Yih. 3 keessa jiru irraa ifa ta'a, "amma amantii isa al tokkicha yeroo hundumaaf akka ta'utti warra Waaqayyoof, qulqullaa'anitti dabarfame sanaaf" "amantii isa al tokkicha yeroo hundumaaf" inni jedhu dhugaa jiran, barsiisaamantii, yaadaa fi barsiisa ilaalcha kiristiyaanummaan biya lafaaf qabuu agarsiisa. Ilaalchi guddaan kenname kun akka seera amantiitti, geggeessaa Hafuura Qulqulluutiin kan barreeffame Kakuu Haaraa duwwaa ta'uu isaa fi barreeffamoonni booda keessa dhufan mul'ataan kan barreeffaman akka hin taane lafa kaa'uudhaa bu'uura Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'e kan ta'uudha. Kakuu Haaraa keessaa naannoo ifa hin taane, kan sirriitti hin beekamne fi bulchina hin qabne baay'eetu jira, garuu amantoonni amantiidhaan wanti amantiidhaa fi shaakalaaf "barbaachisu" hundumtuu qulqullina ga'aa ta'een Kakuu Haaraa keessa jiraachuu isaa mirkaneeffatu. Yaadni kun wanta "rog-sadee mul'ataa" jedhamuun gadi fageenyaan ibsameera.

1. Waaqayyo seenaa keessatti of mul'iseera (Mul'ata)
2. Hojii isaa galmeessuu fi ibsuudhaaf namoota muraasa akka barreessitootaatti filateera (geggeessaa hafuura qulqulluu)
3. Barreeffamoota kana akka hubataniif sammuu fi laphee namootaa banuudhaaf Hafuura Isaa kenneera, guutummaan guutuutti utuu hin ta'in, garuu fayyinaa fi jireenya kiristiyaanummaa milkaa'ina qabu juraachuuf hamma ga'u (Hubannaa guddisuu).

Wanti tuquun barbaadamee geggeessaa hafuura qulqulluutiin kan barreeffama Macaafa Qulqulluu duwwaa ta'uu isaati. Kana irra kan darbe barreeffamoonni aboo qaban, mul'anni yookiis abjuun hin jiru. Macaafni Qulqulluun cufameera. Akka ta'utti Waaqayyoon dhaga'uudhaaf dhugaa nu barbaachisu hundumaa qabna/arganneerra. Dhugaan kun hunda caalaa if ata'ee kan mul'atu walii galeen barreessitoota macaafa Qulqulluu fi walii-galtee dhabuun warra Waaqa tolfamaatti amananii yommuu ilaalamudha. Barreessaan bara kanaa yookiin namni bara kana dubbatu kam iyyuu sadarkaa geggeessaa hafuura qulqulluu barreessitoonni Macaafa Qulqulluu qaban kan qabu hin jiru.

B. Karaa tokko tokko raajonni Kakuu Haaraa raajota Kakuu Moofaa wajjin walfakkaatu.

1. Waan fuula duratti ta'u raaguu (cf. Phaawulos, HE 11:27-28; 21:10-11; raajota maqaa hin dha'amne kan biro, HE 20:23).
2. Firdii himuu (cf. Phaawulos, HE 13:11; 28:15-28).
3. Milikitoota ifatti taatee tokko gadi-fageenyaan ibsan (cf. Agaabos, HE 21:11)

C. Yeroo tokko tokko dhugaa wangeelichaa bifa raajiitiin dubbachuu danda'u (cf. HE 11:7-38; 20:23; 21:10-11), garuu kun kaayyoo isa sadarkaa jalqabaa miti Raajiin 1Qorontoos keessa jiru bu'uurri isaa wangeela labuudha (cf. 14:24,39).

D. Isaan karaa Hafuurri Qulqulluun ittiin akkamitti dhugaan Waaqayyoo haala haaraa hundumaa, aadaa fi yeroo hundumaa keessatti hojiirra akka oolu namatti mul'isudha (cf. 1Qor. 14:3).
E. Waldoota Phaawulos durii keessatti hirmaannaa ho'aa qabu ture (cf. 1Qor. 11:4-5; 12:28,29; 14:1,3,4,5,6,22,24,29,31,32,37,39; Efe. 2:10; 3:5; 4:11; 1Tas. 5:20) fi "Didache" (jaarraa tokkoffaa gara dhumaa keessa barreeffame yookiin jaarra lammaffaa, guyyaan isaa hin beekamu) keessatti caqafamaniiru, akkasumas barreeffamoota adda addaa jaarraa lammaffaa fi sadaffaa keessa kaaba Afrikaa keessatti barreeffaman keessatti.

IV. Kennaawwan Kakuu Haaraa dhaabataniiruu?
A. Gaaffii kana deebisuun ulfaataadha. Kaayyoo kennaawwan kanaa ibsuun dhimmicha ifa gochuudhaaf gargaara. Isaan kun jalqaba lallaba wangeelaa mirkaneessu jechucha moo yookiis karaa waldaan ofii ishee fi biyya lafaa badii keessa jirtu tajaajiluu itti fuftee dhimma itti baatudha?
B. Seenaa waldaa ilaaluun gaafficha deebisuuf moo Kakuu Haaraa keessa kennaawwan hafuuraa kan yeroo murtaa'eef kennaman ta'uu isaanii wanti agarsiisu hin jiru. Dhimma kana deebisuudhaaf warri 1Qor. 13:8-13tti dhimma ba'uu yaalaan yaada aboo qabu isa jaala irraa kan hafee wanti hundumtuu darbuuf jiru jedhe seeraan ala fayyadamuu isaaniiti.
C. Aangoo kan qabu Kakuu Haaraa malee seenaa waldaa waan hin taaneef kennaawwan hafuuraa kun itti fufiinsaan akka jiraatan amantoonni mirkaneeffachuu akka qaban natti dhaga'ama. Haa ta'u malee adaan hiikaa waan tokkoo irraan dhiibbaa akka gessisu nan amana. Barreeffamonni baay'ee ifa ta'an muraasni har'a hojiirra ooluu hin danda'an (jechuunis-dhungoo qulqullaa'aa, dubartoonni huccuu ittiin fuula isaanii golgan uffachuu, walitti qabama waldaa mana dhuunfaatti ta'u). Adaan barreeffamoota irraan dhiibbaa ni ga'a erga ta'ee seenaan waldaa hoo maalii dhiibbaa hin geessisu?
D. Salphaamatti kun gaaffii guutummaan guutuutti deebisuun danda'amu miti. Amantoonni muraasni "dhaabachuu" isaa deggeru, warri kaan immoo "itti fufuu" isaa deggeranii dubbatu. Iddoo kana keessatti akkuma dhimmoota hiikaan walqabatan baay'ee isaanii, furtuun laphee amantootaati. Kakuu Haaraan yaada ifa hin taane tokko tokko kan qabuu fi aadaa irratti kan hundaa'edha. Dhimmi ulfaataan barreeffamoonni warri kam seenaa/aadaadhaan akka daangeeffamanii fi warri kam kan bara baraa akka ta'an murteessuu danda'uudha (cf. Kitaaba Fee fi Istuart "How to Read the Bible for All Its Worth", ful. 14-19 fi 69-77). Kun iddoo itti waa'een bilisummaa fi itti gaafatamummaa Rom. 14:1-15:13 fi 1Qor. 3:10 keessatti argamu murteessaa ta'udha. Akkaataan ittiin gaafficha deebifnu karaa lamaan barbaachisaadha.
1. Amanaan hundumtuu amantiidhaan akka ifeefitti adeemuu qaba. Waaqayyo laphee keenyaa fi jedha keenya ilaala.
2. Amanaan hundumtuu amantoonni kan biroon akka amantii isaaniif galaeetti akka adeeman ayyamuufii qaba. Macaafa Qulqulluutti qabamanii jiraachuu keessa wal danda'un jiraachuu qaba. Waaqayyo akkuma inni nu jaalate akka wal jaalannu barbaada.
E. Dhimmicha guduunfuudhaaf, kiristiyaannummaan seera amantii dogoggora hin qabne utuu hin ta'in jireenya amantii fi jaalalaati. Odeeffannoo ibsaan kennamu yookiis amantaa dogoggora hin qabne caalaa hariiroo nu'i Waaqayyoo wajjin qabnu isa hariiroo nu'i warra kaanii wajjin qabnu murteessutu barbaachisaadha.

**11:28 "lafa hundumaa irratti beelli jabaran akka bu'u… Waawudiyositti"** Gaaleen teessuma lafaa agarsiisu kun Impaayera Roomaa bakka bu'a (cf. 17:6,31; 19:27; 24:5). Kalaawudiiyos Dh.K.B 41-54tti mo'e. Inni Kaligulaatti aanee kan mo'ee fi Neeroo immoo kan dursu ture. Bara bulchiinsa isaa kana keessa beela jabara baay'eetu ture (cf. Suetonias, "*Life of Caludius*" 18:2). Akka Josephus, Antiq 20.5.2tti beelli hamaan Phaalistiinaatti kan dhufe Dh.K.B 44-48tti ture.

**11:29 "adduma addaan hamma danda'an…** ***gargaaruudhaaf*** **ofitti muran"** Kun karaa beekamaa waldoonni warra saba Waaqayyoo hin ta'inii ittiin tokkumaa obboleettii isaanii kan taate waldaa Yerusaalemii wajjin cimsatan ture. Kun waldoota Phaawuloosiif adeemsa ittiin deeman lafa kaa'uu danda'a (cf. 24:17; Rom. 15:2-18; 1Qor. 16:1-4; 2Qor. 8-9; Gal. 2:10).

**11:30 "gara maanguddoota waldaatti ergan"** Kun caqafamuu maanguddoota waldaatiif isa jalqabarati. (cf. 14:23; 15:2,4,6,22,23; 17:4; 20:17; 21:18). Jechi "maanguddoota" jedhu kun jecha "geggeessitoota" "Phaaphaasii" yookiin "luba" jedhu wajjin hiika walfakkaataa qaba (cf. HE 20;17,28 fi Tit. 1:5,7). Jechi maanguddoo (*presbuteros*) jedhu bu'uurri isaa gosoota Kakuu Moofaati, geggeessitoota (*episkopos*) kan jedhuuf immoo bu'uurri isaa mootummoota magaalaa Giriikiiti. Kun mul'inatti geggeessitoota waldaa Yerusaalem agarsiisa (cf. 15:2,6,22,23). Kakuu Haaraa keessaa warra Yihudootaaf kan barreeffaman kan akka Yaa'iqoobii fi Ibrootaa, jechoota Yihudoonni hubatan kan akka angafoota, geggeessitoota naannoo jedhanitti dhimma ba'u, garuu kun luboota jechuu ta'uu dhiisuu danda'a.

▣ **"harka Bararnaabarasii fi Phaawuloositti"** Yerusaalemitti ergamuu inni Gal. 2:2,10 keessa jiru ergama kana yookiin walga'ii Yerusaalemitti ta'e isa boqonnaa 15 keessa jiru agarsiisuu isaa irratti yaada baay'eetu jira. Waa'ee jireenyaa fi tajaajila Phaawulos durii waan baay'ee muraasa beekna.

## GAAFFILEE MARII

Kun <u>qajeelfama</u> qo'annaa irratti yaada kan kennudha, kana jechuun ati Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa keetii laachuu ni dandeessa. Tokko tokkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun si irra hin jiraatu.

Gaaffiiwwan marii kun akka dhimmoota gurguddoo kutaa macaafa kanaa yaaduuf si gargaaruuf kennaman. Isaan kun yaada kaasan malee kan ibsa irratti laatan miti.

1. Warri saba Waaqayyoo hin ta'in maaliif Yesuusiin fudhataa turan, karaa barsiisa amantoota rakkoon utuu jiruu?
2. Yaada garaa geddarachuun kennaa Waaqayyooti moo (lakk 18) kakuudhaaf kan barbarachisudha (cf. Marq. 1:15; HE 3:16,19; 20:21)?
3. Bararnaabaras Phaawuloosiin barbaraduu maaliif deeme?

# HOJII ERGAMOOTAA 12

## QOQQOODDAA KEEYYATAA HAALA JIJJIIRRAA AMMAYYAATIIN

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Ajjeefamuu Yaaqoobii fi hidhamuu Pheexiroos | Herodiis waldaa kiristiyaanaa ari'achuusaa | Ari'annaa Mooticha Herodiis Agiriphaa | Ari'annaa cimaa/guyyaa | Hidhamuu Pheexiroosii fi haala dinqisiisaan ba'uusaa |
| | | | | 12:1-5 |
| 12:1-5 | 12:1-5 | 12:1-5 | 12:1-5 | |
| Pheexiroos mana hidhaati ba'uusaa | Pheexiroos mana hidhaatti gahiifamuu isaa | | Pheexiroos mana hidhaatii bilisa ba'uu argate | |
| 12:6-17 | 12:6-19 | 12:6-11 | 12:6-10 | 12:6-11 |
| | | | 12:11 | |
| 12:18-19 | | 12:12-17 | 12:12-15 | 12:12-17 |
| | | | 12:16-17 | |
| | | 12:18-29 | 12:18-19a | 12:18-19 |
| | | | 12:19b | |
| Du'a Herodiis | Mormii du'a Herodiis | Mootichi Herodiis agiriphaan du'uusaa | Du'aatii Herodiis | Inni namoota Ari'atu sun du'uusaa |
| 12:20-23 | 12:20-24 | 12:20-23 | 12:20 | 12:20-23 |
| | | | 12:21-23 | |
| | Baarnbaabaasii fi Saa'ol dhiyaachuu isaanii | Baarnaabaas, fi Saa'ol Qophroos keessatti (12:24-13:12) | | Baarnaabaasii fi Saa'ool Anxookiyaatti deebi'uu isaanii |
| 12:24-25 | | 12:24-25 | 12:24 | 12:24 |
| | 12:25-13:3 | | 12:25 | 12:25 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A guide to good Bible reading" fuula vii irraa)**
***SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HORDOFUU***

Gulantaa keyyataatti bu'uura kaayyoo barreessaa hordofuu kun qajeelfama qo'annoo yaadaa kan, wangeela Macaafa Qulqulluu hiikuudhaaf itti gaafatamummaa kee baratudha. Tokkoon tokkoon keenya ifa qabnu keessa deddeebiuu qabna. Ati/isin, Macaafni Qulqulluu fi Afuurri Qulquluun, hiikaa kessatti warra dursaati. Warra yaada kennaniif jettees dhiisuu hin qabdu.

Yeroo kennameef keessatti boqonnaa isaa dubbisi. Dhimma isaa adda baafadhu. Dhimm adda barafattes, qoqqooddaa madaali. Keeyyataan kaa'uun kees sirraawwaa ta'uu qaba. Garuu kaayyoo jalqabara kan barreessaa sanaa hordofuu qaba. Kunis onnee hiikaati. Keyyatni kamiyyuu dhimma ijoo waldeeggaru/tokkoof tokko ta'e qaba.

1. Keyyata tokkooffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. kkk

**HUBANNOO HAALA GALUMSAA**

Hidda dhaloota Herodis Guddichaa (odeeffannoo bal'aaf, kasaa (index) barreeffama Yoosefas (Flavius Josephus) "Antiquities of the Jews" jedhu dubbise).

1. Herodis Guddicha
   A. Mootii Yihudootaa (Dh.K.D 37-4).
   B. Mat. 2:1-19; Luq 1:5

II. Ilmaan Isaa
   A. Herodis Filiphis (ilma Maariyaam haadha Siimooni).
      1. Abbara manaa Herodiyaas
      2. Bulchaa (Tetrarch) Ituriyaa (Dh.K.D 4-Dh.K.B 34).
      3. Mat. 14:3; Mar. 6:17.
   B. Herodis Filiphis (Ilma Kiliyoopaatiraa [Cleopatra]).
      1. Bulchaa Naannoo Kaabara fi Dhiha Galaanaa Galiilaa (Dh.K.D 4-Dh.K.B 34).
      2. Luq. 3:1
   C. Herodis Antipaas
      1. Bulchaa Galiilaa fi Peeriyaa/perea (Dh.K.D 4-Dh.K.B 6).
      2. Yohaannis Cuuphaa Ajjeesise.
      3. Mat. 14:1-12; Mar. 6;14,29; Luq. 3:19; 9:7;7-9; 13:31; 26:6-12,15; Hoer 4:27; 13:1.
   D. Arkelawoos, Herodis sabboonticha (Ethnarch).
      1. Bulchaa Yihudaa, Samariyaa fiy Idoom (Dh.K.D 4 – Dh.K.B 6).
      2. Mat. 2:22
   E. Aristobulas (Ilma Maariyaamine)
      1. Ilmisaa tokkichi Herodis Agiripha 1ffaa ture
      2. Paalestaayin guutuushee bulche (Dh.K.B 41-44)
      3. Yaaqoob ajjeesisee, Pheexiroos hiisise
      4. Hoer 12:1-24; 23:35
         a. Ilmi isaa Herodis Agiripha 2ffaa Bulchaa Daangaa kaabara kan ture (Dh.K.B 50 – 70).
         b. Intalli isaa Bernaayis (Bernice) turte

i. Haadha manaa obbolessa isheeti
ii. HoE 25:13-26:32

c. Intalli isaa Diruusillaa turte
   1. Haadha manaa Feliksii (Felis)
   2. HoE 24:24

**QO'ANNOO JECHAA FI GAALE**

**BARREEFFAMA "NASB" (FOOYYA'AA): 12:1-5**

**[1]Bara sanas Herodiis mootichi, namoota bu'aa waldaa kiristiyaanaa turan tokko miidhuudhaaf ciqilee irra dhaabbate. [2]Yaaqoobiin obboleessa Yohaannisis billaadhaan morma isaa irraa kuchisiise. [3]Kun warra Yihudootaa akka garaa ciibse yommuu arge; itti dabalee Pheexiroosiin imoo qabsiise. Yeroon isaas yeroo namoonni ayyaana maxinoo itti ayyaaneffatan ture. [4]Herodis yommuus Pheexiroosiin qabsiisee mana hidhaatti galchisiise, darbee isa haa eeganiifis loltoota kutata afuritti hirmanii, tokkoon tokkoon isaa nama afur, afur qabutti kenne. Ayyaana Faasikaa boodee garuu, saba duratti akka qoramuuf isa dhiyeessuu barbaade. [5]Yeroo Pheexiroos mana hidhaa keessatti eegamaa turetti, waldaan kiristiyaanaa immoo utuu gargar hin kutiin Waaqayyoon ni kadhattiif turte.**

**12:1 "Herodis"** Kunis Herodis Agiriphaa 1[ffaa] ibsa. Baroota 34-44 Dh.K.B Naannoowwan Paalestaayin garaa garaa irratti kan mo'edha. Biyya Roomaa keessattis ka'ee, Gayiyus (kan Impeerara Tiberiyuusitti aane, boodas Impeerara Kaligulla ta'eefis hiriyaa ta'ee ture. Akkawoon isaa Hasmooniyaanota ykn maqaabiyaanota waanturteef, Yihudoonni qophaa'inaan Herodis akka mootii ykn geggeessaa isaaniif ta'u fudhataniiru. Innis kallattumaan Amantii Yihudootaa Judizimii kan hordofu ture. (Garuu dhimma siyaasaaf ture). Ibsa bal'aa waa'ee Herodis kanaaf barreeffama Yosefas *Antiq*19.7.3; 19.8.2 ilaali.

▣ **"waldaa kiristiyaanaa"** Barreeffama gutuu 5:11 ilaali.

▣ **"isaan miidhuudhaaf"** Herodis gargaarsaa fi fudhatama geggeessitoota Yihudaa irraa argachuuf, gocha kana raawwate. Geggeessitoonni Roomaalle gochuma akkasii dalagaa turaniiru (cf. 24:27; 25:9).

Luqaasis jecha kana yeroo hedduuf itti fayyadameeera. (cf. 7:6,19; 21:1; 14:2; 18:10). Jechi kun beektota torbaratama (Septuagint) ni miidhaa badaa argisiisuudhaaf beekkamaa ta'ee ture. Jechi Luqaas beektota torbaratama (Septuagint)n dhiibameera.

**12:2 "Yaaqob obboleessa Yohaannis billaadhaan ajjeesise"** Kun Ergamaa Yaaqoob isa obboleessa Yohaannis ture ibsa (cf. Luq. 5:10,6:14; 8:51; 9:28,54). Innis gurmuu ergamootaa keessaa tokko nama turedha. (cf. Mat. 17:1; 26:37: Mar. 5:37; 9:2; 14:33; Luq. 9:28). Yaaqoob maliif du'e? Yohaannis immoo dubbii Waaqayyoof kaa'ame? Bullaadhaan morma muruun lammiiwwan Roomaatiif toftaa sirna adabara cimaa ture. Garuu Yihudoota irratti yaaliin akkasii godhamuuf haala ciggaasisaan ilaalamaa ture. Wadlooleen dirii, yeroo sanattis Yaaqoobiif akka Yihudootaaf ta'u kanatti gochuufii hin dandeenye (cf. 1:15-20). Sababni isaas kanneen ifa hin taane, garuu filannoo Yihudoo "Hin du'iin" ykn "du'a miti" jedhuu fi kan sababa baka bu'insaa fiduu ta'uu danda'a (cf. 1:15-26).

Namoonni hedduun akka ibsanitti, Phaawuloos obboleessa Iyyaasuus, Geggeessaa Waldaa Yerusaaleem, Ergaas jedhee baka buusuun Yaaqoobiin waameera (Gal. 1:9). Gaaffiin kunis hojjettoota kudha lamaanii fi kennaa Ergamummaa keessaa argamuun walqabata (cf. Efe. 4:11).

**12:3 "Pheexiroos hidhe"** Kunis Pheexiroos yeroo sadaffaaf hidhamuu isaa (cf. 4:3; 5:18) ibsa. Kiristaanonni yeroo mara ari'atamu.

▣ **"guyyaan isaas yeroo Ayyaana Maxinoo itti waaqeffatan ture"** Kunis ayyaana guyyaa Garbummaa Gibxii jalaa itti ba'an kan itti yaadatan, Ayyaan Maxinoo (lakk 4). Guyyoota saddetiif raawwatu walqabata (cf.

Bau 12:18; 23:15; Lu1. 22:1). Lacha isaayyuu yeroo Israa'elonni cunqursaa Gibxii jalaa ba'an kanneen ayyaaneffaman ji'a Nissan 14-21tti kan sirna lakkoofsa Yihudootaarratti hundaa'uun kan keenyaan Ebila ykn Caamsaa ta'udha.

**12:4 "kutaa loltoota afur"** Kana jechuun guyyaatti yeroo afur kan wal jijjiiran, kan waliigalatti miseensota ykn namoota jaatama qabudha. Kunis Pheexiroos na jalaa miliquu danda'a jedhe Herodis waan xiyyeeffannoo guddaa irratti kennuuf godhedha (cf. 5:19).

**12:5 "waldaan kiristiyaanaa osoo gargar hin kutiin Waaqayyoon isaaf kadhatte"** Waldaan kadhachaa dhumarra jirti (cf. lakk 12). Garuu yeroo Waaqayyo deebii kennuuf haala dinqisiisaadhaan "Itti fufee" kan jedhu kun gochima baray'ina cimaadha (cf. Luq. 22:24). Innis Kakuu Haaraa keessatti yeroo sadii qofa tajaajila (cf. 1Phex. 1:22).

**MATA DUREE ADDAA: KADHATA WALIIF KADHATAN**

I. Seensa
   A. Saba fakkeenya Yesuusiif kadhannaan baay'ee barbaachisa.
      1. Kadhannaa dhuunfaa (Mar. 1:35; Luq. 3:21; 6:22; 9:29; 22:29-46).
      2. Qulqullummaa waldaaf (cf. Mat. 21:13; Mar. 11:17; Luq 19:46).
      3. Kadhannaa fakkeenya Yesuus bariise (cf. Mat. 6:5-13)
   B. Kadhannaan namummaa dhuunfaa keenyaan goonu gocha qabatamaan argisiifnee, Waaqayyo isa jiraataa isa nuuf warra kaan irratti hojjechuu danda'u fedhii isaa baachuudha.
   C. Kadhata ijoollee isaa irratti Waaqayyo bakka hedduutti of daangeessee hojjechuu dhiiseera (cf. Yaq. 4:20.
   D. Kaayyoon kadhannaa inni guddaan sagantaa tokkummaa fi sadan tokkummaa Waaqayyoo ibsudha.
   E. Akeekni wanta irratti kadhatanii wantoota amantoota ilaallatan hunda irrattidha.
   F. Kadhannaan Firiiwwan hedduu ammata.
      1. Galateeffannaa fi Faarfannaa sadan tokkummaa Waaqayyoo
      2. Jiraataa ta'uusaaf, tokkummaa isaaf, akeeka inni namaaf qabuuf Waaqayyoof hoqubaa dhiyeessuu
      3. Cubbuu keenya darbes ta'ee kan amma himachuu
      4. Fedha ykn hawwii keenyatti dhiyeeffachuu
      5. Yeroo fedhii namoota biro Waaqayyo duratti dhiyeessuun waliif kadhachuu
   G. Waliif kadhachuun hiccitti qabeessa. Warra nuti kadhannuuf kana Waaqayyos kan nuti jaalannuun olitti jaalata. Hanga ammaattiyyuu kadhanni. Keenya yeroo maraa jijjirameef, deeba, fedhii nu qofaaf osoo hin taane warra kaanifis bu'aa qaba.
II. Meeshaalee Wangeelaa
   A. Kakuu Moofaa
      1. Walii kadhachuuf kanneen fakkeenya ta'an muraasni isaani.
         A. Abrahaam Soodomiif kadhachuusaa/boo'uusaa (Uma. 18:22ff).
         B. Museen Israa'elootaaf kadhachuusaa
            1. Ba'u 5:22-23
            2. Ba'u 33:31ff
            3. Kees. 9:5
            4. Kees. 9:18,25ff
         C. Saamu'eel Israa'elootaaf kadhacuusaa
            1. 1Sam. 7:5-6; 8-9
            2. 1Sam. 12:16-18
            3. 1Sam. 15:11
         D. Daawwit mucaa isaaf kadhachuusaa 2Sam. 12:16-18

2. Waaqayyo waliif kadhannaa ni ilaala Isa. 59:16
3. Beekumsi, cubbuu ofii dhokfachuun ykn amallii qalbii diddiirrannaa dhabuun kadhata keenya dhiiba.
    a. Far. 16:1
    b. Fak. 28:9
    c. Isa. 59:1-2; 64:7

B. Kakuu Haaraa
1. Ilmii fi Afuurri Qulqulluu waliin hojjechuu isaanii
    a. Yesuus
        1. Rom. 8:34
        2. Ibr. 7:25
        3. 1Yoh. 2:1
    b. Afuura Qulqulluu Rom 8:26-27
2. Namaaf kadhachuu Phaawuloos
    a. Yihudootaaf kadhachuusaa
        1. Rom 9:1ff
        2. Rom 10:1ff
    b. Waldaalee kiristiyaanaaf kadhachuusaa
        1. Romaa 1:9
        2. Efesoon 1:16
        3. Filiphisiyus 1:3-4,9
        4. 1Tasolonqee 1:2-3
        5. 2Tasolonqee 1:11
        6. Qolaasiyaas 1:3,9
        7. 2Ximotiwos 1:3
        8. Filemoonaa lakk 4
    c. Phaawuloos waldaaleen akka isaaf kadhataniif gaafachuusaa
        1. Roomee 15:30
        2. 2Qoronxoos 1:11
        3. Efesoon 6:19
        4. Qolaasiyaas 4:3
        5. 1Tasolonqee 5:23
        6. 2Tasolonqee 3:1
3. Waldaaleen waliin kadhachuushee
    a. Waliif kadhachuu isaanii
        1. Efesoon 6:18
        2. 1Ximotewos 2:1
        3. Yaaqoob 5:16
    b. Kadhannaa garee addaaf barbaachisu
        1. Diina keenyaaf Mat 5:44
        2. Hojjettoota kiristiyaana ta'aniif Ibr. 13:18
        3. Bulchitoota biyyaaf 1Xim. 2:2
        4. Dhukkubsattootaaf Yaaq. 5:13-16
        5. Warra duubatti deebi'aniif 1Yoh. 5:16

III. Kadhannaa keenya deebii kan dhorku/hiccittiinsaa

A. Waliigaltee nuti Yesuusii fi Afuura Qulqulluu waliin qabnu.
1. Isatti qabami, Yoh. 15:7
2. Maqaa isaatiin kadhadhu Yoh. 14:13,14; 15:16; 16:23-24
3. Afuura qulqulluu keessatti (Efe. 6:48; Yihudaa 20).

        4. Akkaataa fedha Waaqayyoo Mat 6:10; 1Yoh. 3:22; 5:14-15
    B. Sababa kaka'umsa
        1. Hin shakkiniin, Mat. 21:22; Yaq. 1:6-7
        2. Obsaa fi qalbii diddiirrannaa, Luq. 18:9-14
        3. Dogoggora gaafachuu Yaq. 4:3
        4. Ofittummaa, Yaq. 4:2-3
    C. Kallattiiwwan biroo
        1. Sibirii/kaayyoof hojjechuu (perseverance)
            a. Luqaas 1:8
            b. Qolaasiyaas 4:2
            c. Yaaqoob 3:16
        2. Wanta gaafatan eeguu
            a. Maatewoos 7:7-8
            b. Luqaas 11:5-13
            c. Yaaqoob 1:5
        3. Mana ofiitti waliigaltee dhabuu Phex. 3:7
        4. Cubbuu beekkamaarraa bilisa ta'uu
            a. Far. 66:18
            b. Fak. 28:9
            c. Isa. 59:1-2
            d. Isa 54:7
IV. Goolba Barnoota Amantii
    A. Mirga addaa akkamii! Carraa akkamii! Dirqamaa fi ittigaafatamummaa akkamii!

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 12:6-17**

**[6]Edumtii guyyaa itti Herodis Pheexiroosiin akka qoramuuf dhiyeessuudhaaf jedhe sanatti, Pheexiroos fuuncaa lamaan hidhamee loltuu lama gidduu ni rafa ture. Eegduun immoo balbala manicha hidhaa dura dhaabbatanii nieegu turan. [7]Kunoo Ergamaan goofitichaa Pheexiroos bukkee dhaabatee, golli manciha idhaa inni keenya tures ifa Waaqa irraatiin guute. Ergamaan sun cinaacha Pheexiroos rurrukutee kammaksee "Dafii ka'i!" ittiin jedhe. Achumaan fuuncaan inni ittiin hidhame harka isaatii bu'e. [8]Ergamichi immoo "Hidhadhu!" "kophee kees kaawwadhu!" jedheen. Pheexiroos ka'ee hidhatee kophee isaas kaa'ate, ergamichi ammas "wayyaa kee uffadhu ana duukaa bu'i" ittiin jedhe. [9]Pheexiroos manicha hidhaa keessaa ba'ee Ergamicha duukaa bu'e. Garuu Ergamaan gooftaa kan hojjeteef kun dhugaa ittihin fakkaanne; inno mul'ata waan arge se'e. [10]Ergamicha wajjin eegduu warra duraa, warra lammaffaa biras darbanii balbalicha sibiraa isa mandaratti baasu bira ga'an. Balbablichi utuu namni itti hin bu'in isaaniif baname. Isaanis gad ni ba'an: karaa tokko irra takka erga deemanii, Ergamichi Achumaan Pheexiroos biraa ni sokka. [11]Pheexiroos yommuu of bare, "Gooftichi ergamaa isaa ergee harka Herodisii fi harka Yihudootaa warra hamaa na irratti yaadan hundumaa akka na oolche amma beekeera" jedhe. [12]Pheexiroos kana hubatee, gara mana Maariyaam haadha Yohaannis isa Maarqoos jedhamuu dhaqe. Achitti namoonni baay'een walitti qabamanii kadhachaa turan. [13]Pheexiroos immoo balbala kellichaa rukunnaan, intalli Roodaa jedhamtu tokko gara balbalichaa dhuftee owwaatte. [14]Isheen Pheexiroos ta'uu isaa sagalee isaatiin barte. Waan gammaddeef utuu balbala hin baniiniif ol fiigdee, Pheexiroos balbala dura ni dhaabata jettee ni himte. [15]Warri dhaga'an immoo, "Ati ni maraattee fakkaatta" isheedhaan jedhaniin. Isheen garuu "Lakki isuma" jettee falmite kana irratti isaan "Egaa'oo Ergamaa isaa isa isa eegu ta'inna" jedha. Inni garuu ittuma fufee balbalicha rukute. [16]Balbalicha yommuu banan Pheexiroosiin arganii akka abjuu ta'an. [17]Calluma jedhanii akka dhaggeeffataniif harkaan milikkita isaaniif kenne. Gooftichi mana hidhaa keessaa akkamitti akka isa baase isaanitti oseessee, "Dubbii kana Yaaqoobii fi obbolootatti himaa!" jedhee ba'ee iddoo biraa dhaqe.**

**12:6 “halkanuma sanatt”** Barreeffamni Luqaas agarsiiftota yeroon beekkama (cf. Lakk. 3,4,5,6,7,8,10,18)

▣ **“loltoota lamaan gidduu”** Warraabbiin kun Pheexiroos takkaa ba’uu akka hin dandeenye argisiisa. Kunis itti cimuun isaa karaa isaan hin beekneen isa barasuu danda’u jedhanii waan sodaaataniifidha (cf. 5:19).

▣ **“Ergamaan gooftichaa battaluma dhaabatee”** Kun yeroo mara kan hin taane kan haala uumamaan ol ta’een Ergamoonni gooftichaa (cf. 5:19; 7:30,35,38; 8:26; 10:3,7,22) fi Afuurri qulqulluun (cf. 8:29,39; 10:19). Bakka wal bu’anii Hojii Ergii Ergamootaa keessatti dhimma tokko gidduu galuun isaanii ibsamedha. Afuurri qulqulluun gochaan dubbachuu kan inni danda’u. Osoo namni namatti hin himiin yaadaan nama hubachiiseeti. Ergamoonni garuu, namatti mul’achuudhaan kanneen namootaaf ibsanidha. Gocha kana keessattis gocha waliin walitti dhufeenya uumamaa fi humna uumamaan olii hubachuun barbarachisaa akka ta’e ibsa (cf. Golfaa (plagues) Seera Ba’uu keessatti argamuunis walfakkaata.

▣ **“dafii ka’i”** Kun ajaja Girgirsaa (AORIST ACTIVE IMPERATIVE) kan ARIIFANNAA bakka bu’udha. Maaliif ergamaan sun ariifatee? Ta’ii sana keessatti of qabuu hin dandeenyee?

**12:8 “hidhadhu! Kophee keessa kaawwadhu”** Kunis Girigirs giddugala Ajaja si’aayina ammaan (PRESENT ACTIVE IMPERATIVE) kan wal qabatee jirudha. Ergamaan Waaqayyoos hojii kana raawwachuuf sirriidhumatti Ariifatee ture. Innis Ergamaa Waaqayyoo kan baay’ee miirawaa (nervous) ta’an keessaa tokko ture.

**12:9** Kunis mul’ata, Abjuu ykn dhugaa ta’uu isaa Pheexiroos amanuu hin dandeenye ture (cf. Lakk. 11-12; 10:17-19; 11:5).

**12:11 “Pheexiroos yommuu of bare”** Luqaasis ilma Piroodigal ibsuuf (cf. Luq 15:17) gaaleedhuma akkasii kanatti dhimma ba’eera. Tasuma muuxannoon dhugaa fi raawwiin sun hubatamuu fi ibsa (cf. lakk 12).

**12:12 “Mana Maariyaam”** Maqaa Maariyaam jedhamu maqaa beekamaadha. Wangeela keessatti namoonni baay’een maqaa Maariyaam jedhamuun waamamaniiru.

1. Haadha Yesuus (cf. Luq 1:27)
2. Maariyaam ishee maqdalaa, Ishee, Galiilaatti bartuu turte (cf. Luq. 8:2; 24:10)
3. Haadha Yaaqoobii fi Yohaannis (cf. Luq. 24:10)
4. Obboleetti Maartaa fi Alaazaar (cf. Luq. 10:39,42)
5. Haadha manaa Kiliyoopas (cf. Yoh. 19:25)
6. Haadha Yohaannis isa Maarqoos ture.

▣ **“Haadha Yohaannis”** Kunis haadha Yohaannis isa Maarqoos jedhamuu ibsa. Waldaaleen kiristiyaanoota durii Yerusaalemitti mana maatii kanaatti walga’aa turan (cf. HoE 12:12). Akkasumas bakka Yesuus erga du’aa ka’uun booda guyyaa sadiif turedha.

Yohaannis inni Maarqoos jedhamu, Phaawuloosii fi ilma Eessuma isaa Bararnaabaras wajjiinis duula ergaa wangeelaa deemeera (cf. HoE 12:25-13:13). Garuu sababoota muraasaan isaan biraa hafee gara manaatti deebi’eera (HoE 15:38). Bararnaabaras duula ergaa wangeelaa isa lammaffaa irrattillee akka ini hirmaatu barbaradee ture, garuu Phaawuloos ni dhorke (cf. HoE 15:36-41). Kunis akka Phaawuloosii fi Bararnaabarasi gargar ba’an godhee, Bararnaabaras Yohaannis isa Maarqoos jedhame kana fudhatee Qophroos dhaqe (cf. HoE 15:39). Boodas, yeroo Maarqoos haala gaariirra ture (cf. Qol. 4:10) fi hanga Phaawuloos Roomaa tureetti, battaluma du’a isaan duras irra deebi’ee dhugaa ba’eeraaf (cf. 2Xim. 4:11).

Haala qabatamaadhaan Yohaannis Maarqoos gurmuu duula ergaa Pheexiroos faafis qaama tokko ta’ee ture (cf. 1Phex. 5:13). “Eusebius *Eccl*. His 3:39:12”, Yohaannis Maarqoos qaama Pheexiroosfaa ta’uu isaa nuuf ibsa.

> Kitaabni isaa kan “papias” jedhu kun odeeffannoo sirrii kan Gooftaan keenya “Aristion” Yohaannis irraa baradhu kallattumaan, jedhu irraa argameera. Yaada beektota durii kana dhiyeessuudhaan, Barreeffama duraa kan amma isa irraa fudhatame kana odeeffannoo kan waa’ee Maarqoos barreessaa wangeelaa ta’uu isaa kan hordofuutu nurraa eegama. Waldooleen kiristiyaanaa kanneen “besbyter” jedhamanis “Maarqoos kan

Yohaannisiin gargaaree hiikaa ture. Xiyyeeffannoon barreesseera; garuu jechooaa fi dalagaa gooftichaa hunda yaadachiisuuf hin turre. Innis waan duuka buutuu gooftichaa hin turreef isa irraa hin dhageenye. Garuu booda, duuka buutuu Pheexiroos ta'ee ture. Yeroo yeroottis Pheexisoos barsiisa isaa amalaeeffatee ture. Kunis tooftaan jechoota gooftaa otoo hin tarreessiin ture. Knaafuu Yohaannis Maarqoos salphaadhumatti hojiirra oolchee wantota muraasa dura dhaga'eera jedhu osoo hin qabaratiin barreesseera. Kaayyoo tokko qofa qabarachuu isaatiif, waan dhaga'e tokkollee osoo hin hanbisiinii fi kan hima dogoggoraa tokkollee osoo hin uumiin barreessedha (p. 152).

Waraabbii "papias" kana keessatti "Yohaannis isa gaheessa (elder). *Against Heresios*" 5:33:4, jedhu keessatti ibseera. Ireyaas akka jedhettis "wantoonni kunneen barreeffama "papias" keessatti dhugaa ba'anii, "papias" Yohaannis irraa dhaga'ee miiltoo ykn maamilaa "Polycarp" kan turedha. Kunis "papias" akka Ergamaa Yohaannis irraa dhaga'e ibsa.

▣ **"namoonni baay'een walitti qabamanii kadhachaa turan"** Seerlugni gaalee kanaa akka ibsutti, waldaaleen kiristiyaanaa walitti qabamanii kadhannaa keessa turuuf karoorfachuu isaaniiti. Kunis Asi'aayina sirrii amayinaa (present passive participle) kan giddugala yeroo ammaa (present middle)n hordofamedha.

**12:13 "balbala kellichaa"** Kan balbala xiqqaa karaarraa turedha. Balballii gurguddaanis gara olii tureera.

▣ **"Roodaa"** Maqaan ishee Boggee (rose) jechuudha. Isheenis hojjettuu warra manaa taateefi miseensa Walga'ii kadhannichaa ta'uunishee hin beekamne.

**12:15 "Ati ni maraattee"** Waaqayyo akka hojjetuuf waldaan kadhachaa turte, garuu yeroo inni dinqii kana hojjetu haaraa itti ta'u haala addaan dinqisiifatan (cf. Lakk 16).

▣ **"Calluma jedhan"** Agarsiiftoota Alsi'aayina sirrii lamatu barreeffama kana keessa jira. Kanneen cimina Roodaa fi deebii al tokkoon ol ta'e warri kadhannaarra turan warra oliif qaban ibsanidha.

▣ **"Ergamaa isaati"** Barreeffama Luqaas keessatti Ergamaan ga'ee olaanaa dagaleera. Yihudoonnis Gochaan Ergamoonni nama eegan boca qaama isaanii fudhachuu danda'u jedhanii amanu (isaan fakkaachuu). (Yaada Yihudootaa fi Eegicha Ergamootaaf sirriitti ibsa argachuuf "*Encyclopedia Judaica*, V.2" jedhu dubbisi. Fuula 963 irraa).

Amantii kana fakkaatu Macaafni Qulqulluun kan bu'uuresse hin jiru. Guddina qo'annoo Ergamootaa (angeology) yaada "Fravashin" kan "Zoroastrism" keessa jiru irraa kan dhufe ta'a. Barsiisummaan waa'ee barnoota Ergamaa (Aneology) irra caalaatti dhiibbara amantii Peershyaanotaan eegale. Ragaaleen caaffata qulqullaa'oos Eegicha Ergamootaa irratti amantoota haaraaf muraasni isaanii ni jiru (cf. Mat. 13:16).

**12:17 "akka callisaniif harkaan milikkita isaaniif kenne"** Kunis ibsa bal'aa waa'ee gaarummaa ragaa ijaa kan argisiisudha (cf. 13:16). Sochii qaamaa kana Luqaasis baka hedduutti galmeessee itti fayyadameeera (cf. 13:16; 19:33; 21:40).

▣ **"dubbii kana Yaaqoobii fi obbolootatti himaa"** Kunis Yaaqoob obboleessa Yesuus kan dura Yerusaalemitti geggeessaa waldaa kiristiyaanaa ture ibsa (cf. 15:13-21).

**MATA DUREE ADDAA: YAAQOOB DURBII YESUUS**

A. Yaaqoob "isa mudoo hin qabne" fi kan boodas sababa yeroo hunda jilbeenfatee kadhatuuf "Jilba Gaalaa" jedhamee maqaa mason waamamedha (Hegesippus, quoted by Eusebius" irraa fudhatame).
B. Yaaqoob du'aa ka'uun dura hin amanne (cf. Mar. 3:21; Yoh. 7:5). Yesuus du'aa ka'uu isana booda dhuunfaatti isatti mul'ateera (cf. 1Qor. 15:7).
C. Yeroo sanatti duuka buutota waliin kutaa mana olaantu irra kan turee fi kan yeroo Afuurri qulqulluu

guyyaa shantamaffaatti bu'es achi turedha.

D. Fuudhee ture (1Qor. 9:5).
E. Phaawuloos akka utubaatti (cf. Gal. 1:19) ilaalaa ture. Garuu warra kudha lamaan keessaa hin turre (Gal. 2:9; HoE 12:17; 15:13ff)
F. "Antiquities of the Jews, 20:19:1" Keessatti Yooseefas akka jedheetti Dh.K.B bara 62tti ajaja Saaduqootaatiin dhagaan rukutameera. Barreessitoonni jaarraa 2ffaa ('clement' fi 'Alexandria') dhaaba mana qulqullummaallee irraa dhiibeera jedhu.
G. Du'a Yesuusiin booda dhaloota hedduuf firri Yesuus kun geggeessituu waldaa Yerusaalem akka ta'uuf muudameee ture.
H. Macaafa Kakuu Haaraa "Ergaa Yaaqoob" jedhullee barreesseera.

▣ **"iddoo biraa deeme"** Bakka Pheexiroos deeme namni beeke hin turre, garuu dhugaan jiru sababa akkuma HoE 15 irratti galmaa'etti, Namoonni muraasni Gorsitoota Yerusaalem keessa jira jedhanii waan yaadaniif gara Roomaa waan dhaqe miti.

Kun ta'uyyuu, Waaqayyo humna uumamaan ol ta'een Pheexiroos baraseera. Kunis Inni nama ilbara'aa ykn nama yeroo mara dinqiin akkasii akka ta'u eege miti. Yaadadhu! Yaaqoob ajjeefameera. Pheexiroosis bilisa ba'uu isaatiin ari'atamuun foonii akka eegamu waldaaf jecha ergee ture.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 12:18-19**
**[18]Lafti bariinaan warri loltuu, "Pheexiroos attam ta'e?" jedhanii waan godhanis wallaalanii rakkatan. [19]Herodisis Pheexiroosiin barbaachisee argachuu dadhabnaan loltuu isa eeguudhaaf kennamanii turan sanas qoree, akka ajjeefamaniif abboome. Kana booddees Herodis Yihudaadhaa Qiisariyaatti gad bu'ee takka achi taa'e.**

**12:18 "jeequmsi xiqqaa iti kan ture"** Gaaleen kun barreeffama Luqaas amaleeffatee ittiin ibsu agarsiisa (cf. 14:28; 15:2; 17:4,12; 19:23,14; 27:20). Himni gadi bu'aan kun ta'iin sun guddaa ta'uu isaa (accentuates) ibsa. (Litotes).

**12:19 "loltuu isaa eeguudhaaf kennamanii turan sanas qoree, akka ajjeefamaniif abboome"** Kun dhoksaa barreeffama kanaati, garuu ifa ba'ee (explicitly) kan ibsame miti.

Jijjiirraan tokko tokko jechicha adda barasuuf jecha Giriik osoo hin taane jechoota Ixaaliyaatti fayyadamaniiru. Waarqiyyaan tokko yoo nama mana hidhaa jiru tasa barase adaba isaaf qophaa'e sana ofiif fudhata ture (cf. 16:27; 27:42).

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 12:20-23**
**20Herodis warra Xiiroosii fi Sidoonitti dallanee ture. Isaan garuu waliigalteedhaan gara mana isaa dhaqanii Bilaasxos abbooman mana mootichaa. Herodisitti dhiyaatee araara akka isaaniif gaafatuuf, tole isa jechisiifatan, Isaan kutaa biyya Herodis bulchu keessaa midhaan ni argatu turan. 21Guyyaa dhaba isaaniitti Herodis uffata mootummaa uffatee, iddoo ol jedhaa isaaf qophaa'e irra taa'ee isaanitti dubbate. 22Namoonni yommus sagalee ol fudhatanii "kun sagalee namaa miti, sagalee Waaqayyooti malee" jedhanii isa janan. 3 Ulfina kana dabarsee Waaqayyoof waan hin kenniiniif achumaan ergamaan gooftichaa isa dha'e, kana irratti Herodis raamma'u du'e.**

**12:20 "amma warra Xiiroosii fi Siidoonitti baay'ee aare ture?"** Herodis baay'ee aaree ture itti fufees ni aare (periphrastic imperfect). Balaan seenaan kun fide adda ba'ee wanti beekamu hin jiru; garuu naannoon Xiiroosii fi Siidoon oomisha qonnaa galiilaa irraa argamu irratti hirkattoota ta'anii turan (cf. 1Mot. 5:11; Izir. 3:7; His 27:17).

**12:21 "guyyaa dhaaba isaaniitti Herodis uffata mootummaa uffatee"** Kunis kan raawwate, Dh.K.B bara 44tti ture. Waa'ee gocha kanaa hubachuuf, ofeeffannoo bal'aa "Josephas, Antiquities 19.8.2, translated by Wiliam Shiston; Kregal" jedhu dibbisi.

Bakka kabaja sanattis namoonni danuun keessummoota kabajaa waliin walitti qabamanii ture. Godina isaa keessa warri turan kanneen aboo qabanis keessa turan. Guyyaa lammaffaatti, uffannaa suufii kan meetii hojjetame uffatee waan argameef haalli isaa kun ajaa'ibsiisaa ta'ee ganamaanis gara tiyaatiraa dhaqe uffannaan isaa kunis cararaan biiftuu irratti baranaan haala dinqisiisaa bood aofirraa barase. Warra isa ilaalan hundumaa irratti kabaja isaa dabalee. Jechi inni dubbatus cimaa ture. Akka Waaqaattis ilaalamee Isaanis "Garumma nutti argisiisi!" jedhanii namoota keessaas akka olaanaatti ilaalanin. Kanarraa ka'eellee, jara sanaaf toles hin jenne, hin mormineenis, Garuu yeroo ol jedhee ilaalu jajjuu (owl) tokko kan funyoo gubbara teessu mataasaa gararraatti arge. Kallattumaan simbirri sun akka isheen ergaa sirrii hint aaneef garasaa dhufte hubatee, yeroo tokkofillee nama qajeelaa ta'uuf kufee dhiifama guddaas gaafate. Garuu mormii cimaan keessa garaa isaatii waan ka'eef fincila keessa gale. Kanaafis hiriyoota isaa ilaalee, Ani kan isin Waaqa jettanii nawaamtan amma garuu akkan jireenya kana gadhiisu abboomameera. Ani kan isin isa hin dune naan jettan amma garuu akkan du'aan ka'us muddameeera (fuula 412) jedhe. Aariin Herodsii fi hallii qaama isaa kan itti ibsame guutummaan isaa *Antiki* 17:6:5 keessatti argama.

**12:23 "Ergamoon gooftichaa"** Kun ergamaa du'a baratee gara Herodis dhaqe ibsa (cf. Ba'u 12:23; 2Sam 24:16; 2Mot. 19:35). Duuti harka Waaqayyoo ni jira, garuu harka seexanatti hin jiru. Kunis fakkeenya adabbii yerooti.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 12:24**
**[24]Dubbiin Waaqayyoo garuu guddachaa, bal'achaas ni adeeme**

**12:24** Kunis amala yaada cuunfaati (cf. 6:7; 9:31; 12:24; 16:5; 19:20; 28:31)/

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 12:25**
**[25]Baarnaabaasii fi Saa'ol Yerusaalemitti hojii gargaarsaa isa itti ergaman sana raawwatanii, Yohaannis isa Maarqoos jedhamu fudhatanii deebi'an.**

**12:25** Jalqaba duula Ergaa wangeelaa kan Ergamaan Phaawuloos raawwate ibsa. Garaagarummaa irra keessoo ta'e waraabbii kana keessatti ni argina. Kunis Yerusaalemitti deebi'uu (cf. MSS א and B) ykn Yerusaalem "irraa" dhufuusaanii (cf. *apo* MS D or *ek*, Mss p[74], A) kan jedhuun wal qabatee ni jira.

Boqonnaa 3 Bararnaabarasii fi Phaawuloos Anxookiyaa jiraachuu isaaniitiin jalqaba.

## GAAFFILEE MARII

Kun <u>qajeelfama</u> qo'annoo yaadaa kan Macaafa Qulqulluu hiikuudhaaf itti gaafatamummaa kee baratudha. Tokkoon tokkoon keenya ifa qabnu keessa deddeebi'uu qabna. Ati Macaafni Qulqulluu fi Afuurri qulqulluun hiikaa keessatti warra dursaati warra yaada kennaniif jettees dhiisuu hin qabdu.

Gaaffileen marii kunis dhimmoota gurguddo kutaa Macaafa kanaa keessa jiran irratti akka yaadduuf siif kennamani. Kana jechuunis, maalummaasaa tilmaafuu malee murteessuu jechuu miti.

1. Maaliif Waaqayyo Pheexiroosiin oolchee Yaaqoob dhiise?
2. Waldaaleen kiristiyaanaa walitti qabamanii yeroo Waaqayyoon kadhatanii kadhata isaaniis deebiseef dinqisiifatanii turanii? Ta'ii isaa ibsi.
3. Amantoonni yoo afuurri qulqulluu keessa isaanii hin jiraanne, Ergamaa Waaqayyoo ni barbaraduu?

# HOJII ERGAMOOTAA 13

## QOQQOODDAA KEEYYATAA HAALA JIJJIIRRAA AMMAYYAATIIN

| YBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Baarnaabaasii fi Saa'ol hojii wangeelaaf waamamuu isaanii | Baarnbaasii fi Saa'ol fo'amuu isaanii | Baarnaabaasii fi Saa'ol Qophros keessatti | Baarnaabaasii fi Saa'ol fo'amuu fi ergamuu isaanii | Ergichi ergamuu isaa |
| | (12:25-13:3) | (12:23-13:12) | | |
| 13:1-3 | | 13:1-3 | 13:1-2 | 13:13 |
| | | | 13:3 | |
| Ergamoonni Qophrositti lallaban | Lallaba Qophiroositti godhame | | Qophros keessatti | Qophros: Eliimaas namicha qoricha namatti godhu |
| 13:4-12 | 13:4-12 | 13:4-12 | 13:4-5 | 13:4-5 |
| | | | 13:6-11a | 13:6-12 |
| | | | 13:11b-12 | |
| Phaawuloosii fi Baarnaabaas Anxookiyaa isa Phiisiliyaatti | Anxookiyaa Phisiidiyaa keessatti | Deemsa gara Anxookiyaa ishee Phisiidiyaa keessatti godhamee fi mana sagadaa keessatti | Anxookiyaa keessatti Phisiidiyaa keessatti | Isaan Anxookiyaa ishee Phisiidiyaa keessaa g'an |
| 13:13-16a | 13:13-41 | 13:13-16a | 13:13-16a | 13:13-16a |
| 13:16b-25 | | 14/////:16b-25 | 13:16b-20a | 13:16b-25 |
| | | | 13:20b-25 | |
| 13:25-41 | | | | |
| | | 13:26-41 | 13:26-41 | 13:26-31 |
| | | | | 13:32-37 |
| | | | | 13:38-39 |
| | | | | 13:40-41 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Ebaa fi wal dhabbii Anxookiyaatti ta’e | | | |
| 13:42-43 | 13:42-52 | 13:42-43 | 13:42-43 | 13:42-43 |
| | | | | Phaauloosii fi Baarnaabaas warra Omrootatti lallaban |
| 13:44-52 | | 13:44-47 | 13:44-47 | 13:44-47 |
| | | 13:48-52 | 13:48 | 13:48-49 |
| | | | 13:49-52 | |
| | | | | 13:50-52 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A guide to good Bible reading” fuula vii irraa)**
***SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HORDOFUU***

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

**HIIKAA GULUMSAA**

A. Kun deemsa Phaawuloosii fi Barnbarabaras Hojii wangeelaatiif adeeman isa jalqabarati. Macafni Hojii Ergamootaa, kutaan kana booddee jiru waa’ee tajaajila Phaawuloos kan dubbatudha.

B. Kartaa Macaafa Qulqulluu kee karaa dudduubaratiin jiru irraa, teessuma ji’oogiraafii boqonnaawwan 13 fi 14 keessatti ibsaman utuu hordoftee baay’ee faayidaa qaba.

C. Boqonnaa 13 irraa gara boqonnaa 14tti yommuu ceenu, geggeessaa Barnaabaras irraa gara geggeessaa Phaawuloositti ceena.
Kun Yohaannis inni Maarqos jedhamu isaan biraa deebi'uu isaatiif sababa ta'uu ni danda'a laata?

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 13:1-3**

**[1]Waldaan kiristiyaanaa Anxokiyaa keessa raajonnii fi barsiisonni turan; isaanis Baarbaanaas, Simi'oonii "Isa gurraachicha" isa jedhamuu, Luukiyos nama biyya qareenee, Maanaa'en isa Herodis abbaa biyyaa wajjin guddate, Saa'olis turan. [2]Isaan kun gooftaadhaaf hojjechaa soomaan utuu jiranii, hafuurri qulqulluun, "Baarnbaabaasii fi Saa'ol hojii ani itti isaan waameef, addaan anaaf baadaa" jedheen. [3]Yommus itti dabalanii soomanii erga kadhatanii booddee, Warri hfan harka isaanii mataa jara lamaan irra kaa'anii hojichaaf isaan ergan.**

**13:1 "Anxokiyaa"** Barreeffama 11:19 irra jiru ilaali.

▣ **"waldaan"** Barreeffama 5:11 irra jiru ilaali.

▣ **"raajonnii fi barsiisonni"** Kennaawwan hafuura kun lmaan 1Qor. 12:28 fi Efe. 4:11 keessatti tarreeffamaniiru. Akka seerlugaatti yommuu ilaalamu, namoonni shanan tarreeffaman hundinuu raajotas barsiisotas ta'uu isaanii yookiin warri jalqabara sadan raajotaa fi warri hafan lamaan immoo barsiisota ta'uun isaanii sirriitti hin beekamu.

Gaaffiin jecha kanaan wal qabatee dhufu, "kennaan raajii ta'uu inni Kakuu Haaraa, akkamitti raajota Kakuu Moofaa keessatti, raajonni warra Macaafa Qulqulluu barreessanidha. Kakuu Haaraa keessatti hojiin kun, ergamoota warra jalqabara kudha lamaanii fi gargaartota isaaniitiif kan kennamedha. Akkuma jechi "ergamoota" jedhu kennaa ta'uudhaan (cf. Efe. 4:11), garuu erga warri kudha lamaan du'anii hojiin isaa jijjiiramee iti fufe, kennaan raajii ta'uus akkasumasdha. Macaafni Qulqulluun barreeffamee dhumeera; kana booddee Macaafni Qulqulluun barreefamu hin jiru. Hojii guddaan raajonni Kakuu Haaraa hojjetan wangeela labuudha, garuu hojii biraa kan akka, dhugaawwan Kakuu Haaraa haalotaa fi wantoota yeroo ammaa barbarachisan irratti hojii ira oolchuus hojjechuu ni danda'u. Mata duree addaa 3:18 irra jiru ilaali.

Kennaan barsiisummaa HoE 13:1 keessatti raajii ta'uu wajjin ibsameera, Efe 4:11 keessatti garuu luboota wajjin wal qabata. 2Xim. 1:11 keessatti, Phaawuloos, lallabara, ergamaa fi barsiisaa ta'uu isaa dubbata. Asitti, akka Rom. 12:7 keessa jirutti of danda'ee waan dhaabatu fakkaata. Akkasumas Yaaqoob 3:1ff keessatti qophaatti bisameera. Kun kan inni agarsiisu, kennaawwan hafuura kun wanta waldaan bara tokkotti yookiin naannoo tokko keessatti barbaraddu guutuudhaaf amantoota garaa garaa keessatti karaa garaa garaa walitti dhufuu akka danda'anidha. Gegeessitoonni (cf. Efe. 4:11) kennaa qaban kun hundumti isaanii wangeela labsuu garuu wanta addaa addaa irratti xiyyeeffatu.

▣ **"Simi'oon, isa gurraacha"** isa jedhamu" dukkana yookiin guraacha kanjedhu kun afaan laatiiniitiin jecha 'niger' jedhudha. Namoonni tokko tokko Simi'oon kana Marq. 15:21 wajjin wal qabsiisuu yaalu.

▣ **"Luukiyos nama biyya Qareenee"** Namni kun, Yihudota afaan Giriikii dubbaran warra Anxokiyaatti (cf. 11:20) warra Ormootatti lallaban keessaa tokko ta'uu danda'a. Inni Luukiyos isa Rom 16:21 keessatti ibsame ta'uu dhiisuu danda'a.

▣ **"Maanaa'en isa Herodis abbara biyyaa wajjin guddate"** Jechi "*Manaen*" jedhu jecha Giriikii yommuu ta'u, Ibraayisxiitti, "*Manahem*" bifa jedhu qaba, kunis "kan mijeessu" akka jechuuti. Namni kun obboleessa guddisaa (hogbarruu Giriikii) Heroodis (seensa boqonnaa 12 ilaali) ture, yookiin immoo isaa wajjin guddate (barreeffama paappirii). Luqaas odeeffannoo waa'ee Heroodis baay'ee isa (abbara biyyaa) namicha kana irraa argate ta'a.

**13:2**
**NASB** **"hojjechaa"**
**NKJV** **"tajaajilamaa"**
**NRSV** **"Waaqeffachaa"**
**TEV** **"tajajailaa"**
**NJB** **"Waaqeffannaa dhi'eessaa"**

Kun jecha Giriikii *leitourgia* (jecha tishoo "hawaasa" fi "hojii" irraa uumame) jedhu yommuu ta'u, jecha afaan Ingilizii "liturgy" jedhu, jecha kana irraa arganna. Jechi kun jalqabatti kaninni agarsiisu, nama barasii ofii isaatiitiin hojii uummataa (hawaasaa) hojjetu ture. Kun kan inni agarsiisu, yeroo tajaajila Waaqeffannaatti yeroo itti fedha Waaqayyoo barbaraddatanidha. Xumurri kun guutummaa waldichaa moo namoota shanan agarsiisa?

▣ **"soomaas utuu jiranii"** Kakuu Moofaa keessatti, waggaatti guyyaa soomaa tokko qofatu ture, kunis guyyaa guddaatti, Lew 16. Haa ta'u malee, jaarraa tokkoffaa keessa, amantiin Yihudotaa torbanitti soomii lama qaba ture. Soomuun amantoota irraa barbaradamuu yoo barate iyyuu, yeroo baay'ee fedha Waaqayyoo baruudhaaf nama gargaara (cf. 14:23).

**MATA DUREE ADDAA: SOOMII**

Soomiin Kakuu Haaraa keessatti akka abboomiitti kennamuudhaa yoo bate iyyuu, yeroo barbaachisutti garuu ergamoota Yesuus (cf. 2:19; Mat. 6:16,17; 9:15; Luq. 5:35) irraa waan eegamudha. Soomiin inni sirriin Isa. 58 keessatti ibsameera. Yesuus ofii isaatiif fakkeenya nuuf ta'eera (cf. Mat. 4:2). Waldaan durii ni soomti turte (cf. HoE 13:2-3; 14:23; 2Qor. 6:5; 11:27). Kaayyoon soomii fi akkaataan isaa murteessaadha; dheerinnii fi irra deddeebiin isaa filannoo abbaa irratti hundaa'a. Soomiin Kakuu Moofaa, amantoota Kakuu Haaraatiif ulaagaa miti (cf. HoE 15). Soomiinkaraa ittiin nama hafuuraa ta'uu ofii mul'isan utuu hin ta'in, karaa ittiin Waaqayyotti dhi'aatanii geggeessaa isaa barbaaddatanidha.

Waldoonni durii soomii ciminaan hordofuun isaanii, barreessitoonni "soomii" barreeffama baay'ee keessa akka galchan isaan godhe (kunis Mat. 17:21; Marq. 9:29; HoE 10:30; 1Qor. 7:5). Odeeffannoo dabalataatiif, kitaaba Buruus Meezger kan '*A Textula Commentay on the Greek New Testament*' jedhu kan barreeffamota gaaffii namatti uuman akkasii irratti tokkummaa waldoota Macaafa Qulqulluutiin maxxanfame dubbisi.

▣ **"hafuurri qulqulluun, … jedheen"** Kun Macaafa Qulqulluu keessatti, nameenya hafuura qulqulluutiif ragaa biraadha. Kan dhaga'amu yookiin akkasumatti miira isaanitti kan beekamu ta'uu isaatiif wanti beekamu hin jiru (cf. 8:29; 10:19; 11:12; 20:23; 21:11). Kun ergaa baay'ee murtaa'aa (wanta beekamaa tokkoof kan dhufe) ta'uun isaa beekamaadha (cf. 16:6-7).

▣ **"addaan…barasaa"** Kun hima ajaja ibsudha. Jechi *aporizō* jedhu "qulqulluu" (*hagiazō*) kan jedhuu wajjin yaada wal fakkaataa qaba. Kunis adda ba'anii hojii hafuuraa namatti kennameef mi'a ta'uu ibsa (cf. Rom. 1:1; Gal. 1:15).

▣ Barreeffama Giriikii irratti "adda barasaa" kan jedhu booddeedhaan maxxantuu, *dē* tu jira, kun immoo xiyyeeffannoo (cimina) agarsiisa (cf. Luq. 2:15; 1Qor. 6:20). Kun waamicha hafuurichaatiif gurra kennuu namaaf kenna. Dubbii Phaawuloos keessa wanti kanaan wal fakkaatu jira (15:36).

▣ **"hojii ani itti isaan waameef"** Kun gocha xumurame kan agarsiisudha (PERFECT MIDDLE (deponent) INDICATIVE). Waamee hojii wangeelaatiif kan mi'a nama godhatu Waaqayyodha (cf. 1Qor. 12:7,11).

**13:3 "harka isaanii mataa jara lamaan irra kaa'anii"** Lakkoofsi kun, barreeffamoota ifa hin taane keessaa tokko yommuu ta'u, luboomsuun hammayyaa inni nu'i hordofnu kan irratti hundaa'edha. Haa ta'u malee, kun haala garaa amantii isa nu'i hordofnuuf, akka hundee Macaafa Qulqulluu keessa, "harka irra kaa'uu" ilaalchisee fakkeenya baay'eetu jira.

1. Kakuu Moofaa keessatti
    a. Aarsaa adda barasuudhaaf (cf. Lew. 1:4; 3:2; 4:4; 16:21)
    b. Eebbba (cf. Uma. 48:13ff; Mat. 19:13,15)
    c. Bakka bu'aatti tajaajila kennuu (cf. Lakk. 27:23; Keess. 34:9) agarsiisa
2. Kakuu Haaraa keessatti wantoota garaa garaa agarsiisa.
    a. Fayyinaaf (cf. Luq. 4:40; 13:13; HoE 9:17; 28:8)
    b. Filuu yookiin hojii itti kennuu (cf. HoE 6:6; 13:3)
    c. Hafuura qulqulluu fi kennaawwan hafuuraa fudhachuudhaan wal qabata (cf. HoE 8:17; 19:6; 1Xim. 4:14; 2Xim. 1:6).
    d. Barsiisota amantii Yihudotaa yookiin kan waldaa kan duddubatti deebi'ee caqasu (cf. Hib. 6:2).

Harka irra kaa'uun kun shaakala dhaabbataa miti. Namoonni kun gegeessitoota waamamanii, kennaa argatanii, hojjechaa jrianidha. Kun wanta haaraa (tajaajila haaraa) isaan itti waamaman utuu hin ta'in, waanuma isaan hojjechaa jiran kan bal'isudha.

Luboomsuun (Luba godhanii muuduun), amantoota biratti adda ba'anii beekamuu jajjabeessuu kan danda'udha. Kun, garaagarummaa warren gita ol'aanaa fi tajaajiltoota waldaa warra kaan gidduu jiru, isa Kaatolikii Roomaatiin eegalame akka fudhatan nama godha. Jechi Giriikii *cheros* (baray'inaan dhaaluu) fi *loos* (jecha Giriikii, namoota ibsu) jedhan Kakuu Haaraa keessatti, yeroo hundaa guutummaa garee amantoota ibsu. Amantoonni hundinuu, tajaajiltoota wangeelaa kan yeroo guutuu, warra kennaa qaban jedhamu (cf. Efe. 4:11-12). Amantoota sadarkaadhaan hiruudhaaf, Macaafa Qulqulluu keessaa wanti ragaa ta'u hin jiru. Amantoonni hundinuu tajaajila qaama Kiristoosiif kennaa kan qabanidha (cf. 1Qor. 12:7,11).

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 13:4-12**

**[4]Baarnaabaasii fi Saa'ol hafuura qulqulluudhaan ergamanii mandara Seluuqiyaatti gad bu'an; achiis markabaan gara Qophros, biyya bishaan keessaa dhaqan. [5]Mandara salaamiis yommuu ga'an, manneen sagadaa warra Yihudootaatti dubbii Waaqayyoo lallaban; Yohaannis isa Maarqoos jedhamus isaan haa gargaruuf, fudhatanii dhaqan. [6]Biyya galaana keessaa sanas gar tokkoo hamma gara kaaniitti adeemanii, mandara Phaafoos ga'an. Achitti namicha qoricha namatti godhu tokko argan, maqaan isaa Baaryesus jedhama; inni Yidhuudii, "Ani raajiidha" ofiin jedhu tokko ture. [7]Namichi qoricha namatti godhu kun namicha biyya bishaan keessaa bulchu sanaa wajjin ture; maqaan namichaa Seergiiyos Phaawulos jedha,a inni nama hubataa ture. Biyya bulchaan sun dubbii Waaqayyoo isaan irraa dhaga'uudhaaf Baarnaabaasii fi Saa'oliin ofitti waame. [8]Namichi qoricha namatti godhu inni afaan Giriikiitti "Eliimaas" jedhamu garuu, biyya bulchaan sun akka hin amanne gochuu waan yaaleef isaaniin morme. [9]Yeroo sanatti Saa'ol inni "Phaawuloos" jedhame, hafuura qulqulluudhaan guutamee, ija namicha qoricha namatti godhuu sana keessa ilaalee, [10]"Ati ilma seexanaa, diina waan qajeelaa hundumaa, ati haxxummaa fi hammina hundumaatiin guutteetta; ati yeroo hundumaa dhugaa gooftichaa sobatti geeddaruu kana hin dhiiftuu? [11]Ammas harki gooftichaa si dha'a, Jaamaa ni taata, hamma yerootti itit marame, dukkannis ija isaatti uffise, nama harka qabee isa geggeessu barbaaddachuudhaaf qaqqabachuutti ka'e. [12]Biyya bulchaan sun waan ta'e yommuu arge dinqifatee, barsiisa gooftaatti amane.**

**13:4 "hafuura qulqulluudhaaf ergamanii"** Kun aangoo waldaa sanaa utuu hin ta'in, aangoo hafuurichaa kan nu hubachiisudha. Inni qaama sadan tokkummaa isa Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti ibsamedha. "Barri amsihii inni haaraan," "bara hafuurichaa" jedhamee beekama ture. Inni ni waama, kennaa ni kenna, ni amansiisa, akkasumas humna ni kenna. Jiraachuu fi eebba Hafuurichaatiin alatti, tajaajila itti fufiinsa qabuu fi ija qabeessa ta'e tajaajiluun hin danda'amu.

▣ **"Seeluuqiyaatti"** Kun magaalaa Keyyataa, kan Anxokiyaa ishee Siiriyaa keessaa turte. Isheen gara kibba lixaatti naannoo maayilii kudha shanii fagaattee kan argamtu turte. Maqaan ishee kan dhufe, Generaala Iskindir guddichaa (peeluu gid), isa du'uu Iskindir booddee ishee bulchaa ture irraati.

▣ **"Qophros"** Kun iddoo Bararnaaaasii jiraate, iddoo Yihudonni baray'inana itti argaman ture. Kakuu Moofaa keessatti, kitim jedhamtee beekamti turte. Kun odola kana irratti, kiristiyaanummaadhaaf ishee duraa miti (cf. 11:19-20).

**13:5 "Saalaamis"** Kun magaalaa buufta Qophros biyya bishaan keessaa, kan qarqara bahaatiin argamtu turte. Isheen biyya bishaan keessaa sanaaf giddu gala daldalaa turte.

▣ **"Manneen sagadaa warra Yihudotaatti dubbii Waaqayyoo lallaban"** Sababniin kun ta'eef beekamaadha: (1) Yihudonni kun Kakuu Moofaa beeku turan; (2) Yihudonni saba fo'aman turan (cf. Uma. 12:1-3) akkasumas carraa isa jalqabara argataniiru (cf. 3:26; 13:46; 17:2; 18:4,19; 19:8; Rom. 1:16); (3) tajaajila manneen sagadaa keessa Ormoota warra [a] Waaqa tokkicha isa dhugaa fudhatanii fi [b] Kakuu Moofaa beekamtu turte. Kun karaa Phaawuloos iddoo manni sagadaa jiru hundumaatti ittiin tajaajilu ta'e.

▣ **"Yohaannis"** Kun Yohaannis isa Maarqos jedhamu, isa ergamoonnimana isaatti wal ga'an kan agarsiisudha (cf. HoE 12:12). Akkasumas inni wangeela Maarqos kan barreesse yommuu ta'u, dhuga ba'umsa ergamichi Pheexiroos ijaan argee dhgaa ba'e irraa barreesse fakkaata. Inni wal-mormii guddaa Phaawuloosii fi Bararnaabaras gidduutti ka'eefi isa garee tajaajilootaa sana gargar baraseefis sababa ture (cf. 15:36-41). Haa ta'u malee Phaawuloos gara boodaatti Yohaannisiin karaa poosatiiviidhaan utuu inni ibsuu argina (cf. Qol. 4:10; 2Xim. 4:11 fi Filemoon Lakk 24) barreeffama guutuu 12:12 irraa ilaali.

**13:6 "biyya galaana keessaa sanas gar tokkoo hamma gara kaaniitti adeemanii"** Kana jechuun, isaan tarii manneen sagadaa biyya galaana keessaa sana keessa jiran hundumaatti dhaabatanii lallabara turan jechuu ta'uu danda'a.

▣ **"Phaafoos"** Kun magaalaa fooneshiyaanotaa durii ishee maayilii torba fagaattee jirtuun haala wal mormuun, Phaafoos ishee haaraa kan agarsiisudha. Magaalonni kun lamaanuu kan isaan moggaafaman Waaqa fooneshiyaanotaa kan *Phaafiyaan* jedhamu irraati. Kun Waaqa jaalala, kan *Aafroodaayit*, *Astaartee*, *Veenus*, fi kkf. Jedhamuun beekamudha. Magaalaan kun magaalaa siyaasaa gidduutti Qophros turte.

▣ **"Bararyesus"** Namichi kun raajii sobduu Yihudootaa ture. Maqaan isaa "Ilma Yesuus" jechuudha. Lakkoofsa 8 irraa, Elimaas, namicha qoricha namatti godhu jedhamee akka inni beekamu ni baranna. Jechi, nama qoricha namatti godhu, jedhu. Afaan Giriikiitti jecha Araamaayikii isa "Moraa" jedhu kan bakka bu'udha (cf. Lakk 10). Mata duree addaa 8:9 irraa ilaali.

**13:7 "namicha biyya bishaan keessaa bulchu…Seergiyos Phaawuloos"** waa'ee seena qabeessummaa barreeffamoota Luqaas irratti wanti baay'een jedhameera. Asitti dogoggora maleessummaa Luqaas abbara seenaatiif fakkeenya gaarii waan ta'u argina. Inni namicha kana, "namicha biyya bishaan keessaa bulchu" (a procousul) jedhee waama, kana jechuun immoo Qophros bulchiinsa seenaatarii Roomaa turte jechudha. Kun Dh.K.B bara 53tti ta'uu isaa ni barra. Akkasumas, barreeffama Laatiinii isa Sooloo'ii irraa, seergiyos Phaawulos Dh.K.B bara 53tti bulchuu eegaluu isaa ni baranna. Hammuma odeeffannoon aarkiyooloojii addunya amedeteraaniyaanii isa jaarraa tokkoffaa irraa argamu, hamasumas dogoggora maleessummaan seenaa Luqaas barreessees ni mul'ata.

▣ **"nama hubataa"** Jechi kun waan baay'ee kan agarsiisudha. Akka hiika galumsa iddoo kanaatti, sirriitti nama geggeessu ta'uu isaa kan agarsiisudha. Akkasumas, akkaataa kanaan ibsuun isaa, wangeelli warra hiyyeessotaafi warra barumsa hin qabne qofa utuu hin ta'in, warra sooreyyii fi barumsa guddaa qaban irraanis dhiibbara kan ga'u ta'uu isaa kan agarsiisudha (cf. *Manaen* 13:1). Luqaas kaayyoowwan inni Macaafa Hojii Ergamootaa barreesseef keessaa tokko, wangeelli bulchiinsa Roomaa akka hin sodaaafne ibsuufidha jechuun ni danda'ama.

**13:8 "Eliimaas"** Jechi Giriikii kun, jecha Arabara kan nama hubataa agarsiisu (waa beekaa, nama hafuuraa, nama wanta gara fuulduraatti ta'uuf jiru, humnoota hin mul'anne irraa baruudhaan dursee himu) kan ibsu ta'uu danda'a.

▣ **"namichi qoricha qoricha namatti godhu"** Kun jecha "magi," jedhu, isa nama ogeessa kaldoota miidiyaan kan akka Daani'el (cf. Dan. 2:2; 4:9; Mat. 2:1) agarsiisuu wajjin kan wal qabatudha. Haa ta'u malee, bara Phaawuloos keesa, namoota qoricha namatti godhan warra addunyaa Girikoo Roomaa kan agarsiisu ture barreeffama guutu 8:9 irraa ilaali.

▣ **"amanne"** Jechi Kakuu Haaraa keessatti karaa sadi'iin fayyada: (1) dhuunfaa ofiitti Yesuus Kiristoos fayyisaa ta'uu isaa amanuu; (2) Jireenya amantii fi kan Waaqaatti tolu; yookiin (3) qabiyyee ti'ooloojii wangeelaa (kunis, Doktiriinii (barsiisa), cf. Abbo.Fir 3, 20). HoE 6:7 irratti akkasuma wanti ifa hin taane ni mul'ata. Asitti akka hiika galumsaatti yommuu ilaallu, isa sadaffaa waan agarsiisu fakkaata.

**13:9 "Phaaulos"** Kun maqaa warri Roomaa kennaniifiin yommuu inni waamamu Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti isa jalqabarati. Phaawuloos, jecha Giriikii irraa kan fudhatame yommuu ta'u, "xinnoo" jechuudha. Namoonni tokko tokko, kun qaama Phaawuloos kan mul'isudha yommuu jedhan warri kaan immoo isa Phaawuloos ofii isaatiin, sababa waldaa kiristiyaanaa ari'achaa tureef "ergamoota keesaa isa xiqqaa" jedhee of waamu kan agarsiisudha jedhu. Kun tarii maqaa lammaffaa yeroo inni dhalate maatii isaatiin kennameef kan agarsiisu ta'uu danda'a.

▣ **"Phaawuloos…, hafuura qulqulluudhaan guutamee"** Humni hafuurichaa inni waldaa durii geggeessaa ture jecha "guutamuu" jedhuun ibsama (cf. 2:4; 4:8,31; 6:3; 7:55; 9:17; 13:8,52), guutamuun hafuuraa itti fufiinsa qabuu fi guyyaa guyyaatti ta'u, amantoota hundumaa biratti wanta beekamaadha (cf. Efe. 5:18). Kun Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti yeroo baay'ee ija jabinaa fi mul'inaan wangeela labsuu wajjin kan wal qabatudha.

▣ **"ija namicha qoricha namatti godhuu sana keessa ilaalee"** Barreeffama guutuu 1:10 irraa ilaali.

**13:10** Phaawuloos raajii sobduu Yihudotaa kana karaa baay'eedhaan ibsa.

1. "gowwoomsuu hundumaatiin guutuu" Kiyyoo dhaan qabuu jechuudha (barreeffamoota Luqaas keessatti jechi kun iddoo kana qofatti argama).
2. "haxxummaan guutuu" kun jecha Giriikii, wanta tokko salphaatti yookiin gowwummaadhaan hojjechuu jechuu ta'e irraa kan fudhatamedha, garuu wanta hamaa agarsiisa (cf. 18:14). Jechi kun Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti qofa argama (cf. 13:10; 18:14).
3. "Ilma seexanaa" Kun jechama seematikii (cf. 3:25; 4:36) yommuu ta'u, nama hojii seexanaatiin.
4. "diina waan qajeelaa <u>hundumaa</u>" Jechi kun, barreeffamoota Luqaas kan warraabbii Kakuu Moofaa of keessaa qaban keessatti yeroo baay'ee ni mul'ata (cf. Luq. 1:71,74; 20:43; HoE 2:35). Namni kun, wanta Waaqayyoon fakkaatu hundumaa kan mormu ture. Mata duree addaa: Qajeelummaa jedhu 3:14 irrraa ilaali.
5. Phaawuloos, namni kun guutummaan guutuutti hamaa ta'uu isaa agarsiisuuf, jecha hundumaa jedhu si'a sadii fayyadamee.

▣ **"dhugaa gooftichaa sobatti geddaruu"** Gaaffiin kun, deebii "eyyee" jedhu kan eegudha. Jechi "dhugaa" yookiin "qajeelaa" jedhu, Kakuu Haaraa keessatti, yaada isa Kakuu Moofaa keessatti qajeelummaa mul'isuufi bu'ura safaraa mul'isu kan calaqqisiisudha. Jechoonni Kakuu haara kan "geeddaruu" yookiin "jal'isuu" jedhan, jechota Kakuu Moofaa kan cubbuu agarsiisan kan calaqqisiisan yommuu ta'an, safara waan qajeelaa hundumaa isa ta'e Waaqayyo mataa isaa isaa irraa goruu kan agarsiisanidha. Namni kun waan hundumaa jal'isaa ture (kunis faallaa wanta qaleelaa).

**13:11 "harki gooftichaa"** Kun jechama seematikii, kan aangoo fi jiraachuu YHWH agarsiisudha (cf. Luq. 1:66, HoE 11:21). Akkuma iddoo kanatti arginu, Kakuu moofaa keessatti, firdii Waaqayyoo kan agarsiisudha (cf. Ba'u. 9:3, 1Sam. 5:6; Iyob 19:21; 23:2; Far. 32:4; 38:2; 39:10).

▣ **"Jaamaa intaata"** Jechoonni jajjaboon wanta hamaa ibsanii fi fincila ibsankan Phaawuloos nama kana ittiin ibse, akkasumas bifni adabbii isa irra ga'e, jireenya Phaawuloos ofii isaatii duraan jiraachaa ture agarsiisuu

danda'a. Inni yeroo kanatti of dudduba ilaalee, ofii isaa raajii sobduu Yidhuudotaa kanaa fi barsiisa isaa keessatti of arge (cf. 9:8).

Jaamummaan yeroo bara'ee bifa biraatiin, hubanna hafuuraa dhabuu agrsiisuuf fayyada (cf. Yoh. 9, HoE 9).

**13:12 "waan ta'e yommuu arge dinqifatee, barsiisa gooftaatti amane"** Kun jecha Giriikii (*pisteuoō*,maqichi, amanuu, amantii, yookiin fudhachuutti hiikamuu danda'a) isa Kakuu Haaraa guutummaa keessatti amantii dhugaa agarsiisuu wajjin tokkodha. Bulchaan kun ergaa wangeelaatti amane. Iji nama tokkoo ni jaame (jecha jechaan); iji nama biraa immoo ni baname (Jechamaan). Kun dhoksaa amantiiti (cf. Yoh. 9). Mata duree addaa: Amantii (MAQAA XUMURAA, fi IBSA MAQAA) jedhu 8:12, irraa ilaali.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 13:13-16a**

**13Ergasii Phaawuloosii fi miiltoon isaa mandara Phaafoosii markabaan ka'anii kutaa biyya Phamfiliyaa keessaa gara mandara Phergee dhaqan; Yohaannis inni Maarqos jedhamu immoo achitti isaan dhiisee Yerusaalemitti deebi'e. 14Warri kaan garuu achumaan darbanii, Phergeedhaa kutaa biyya Phisiidiyaa keessaa mandara Anxokiyaa ga'an; guyyaa Sanbataattis mana sagadaa Lixanii taa'an. 15Macaafa Seeraa fi Macaafa Raajotaa keessaa erga deebbifamee, warri geggeessituu mana sagadaa sanaa isaanitti erganii, "obbolootaa, dubbii gorsaa namootatti himtan yo qabaattan dubbadhaa!" ittiin jedhan. 16Yommus Phaawuloos ka'ee, harkaan ofitti isaan hawwatee.**

**13:13 "Phaawuloosii fi miiltoon isaa"** geggeessaan jijiirramuun isaa mul'ataadha. Amma jalqabee Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti maqaan Phaawuloos jalqabarratti dhufa.

▣ **"Phamfiliyaa keessaa gara mandara Phergee"** Phergeen magaalaa guddittii Phamfiliyaa (gidduu-kibba Turkii) ishee bulchiinsa xinnoo Roomaa kana qarqara galaanaati. Isheen maayiloota baay'ee gara keessatti xillee kan argamtudha; kun haleellaa galaana irraa dhufu ittisuuf ture.

Phaawuloos gara booddeetti malee, amma asitti hin lallabne jechuun ni danda'am (cf. 14:25). Waggoota dhibba baay'eedhaaf ragaan seenaa kiristiyaanota (garee kiristiyaanota) naannoo kana keessaa turan agarsiisu hin turre. Inni salphaadhumatti naannoo qarqara galaanaa kana keessa darbe.

▣ **"Yohaannis inni Maarqos jedhamu immoo achitti isaan dhiisee Yerusaalemitti deebi'e"** Luqaas ta'ii kana galmeesseera, garuu maaliif akka ta'e hin ibsine (barreessaan Kakuu Haaraa kamiyyuu kan hin ibsine).

**13:14 "Phisiidiyaa keessaa mandara Anxokiyaa"** kun jecha jechaan yoo hiikame, "Anxokiyaa ishee gara Philsiidiyaa" jechuudha, sababiin isaas, isheen naannoo saba Finiigiyaa bulchiinsa Roomaa ishee Galiilaa keessatti waan argamtuufidha. Isaan kun saba of danda'an yommuu ta'an, tarii Awurooppaa irraa kan dhufan ta'uu danda'u.

▣ **"guyyaa Sanbataattis"** Kun Jimaata era aduun lixxee hanga Sanbata duraa aduun lixxuutti kan jiru jechuu ta'uu danda'a. Yihudoonni Uma. 1 irraa ka'uudhaan yeroo galgalaa hamma galgalaatti lakkaa'u turan.

▣ **"taa'an"** Kun jechama nama mana sagadaa keessatti dubbatu mul'isu ta'uu danda'a. Barsiisonni amantii yeroo hundaa taa'anii barsiisu turan (cf. Mat.5:1; Luq. 4:20). Mana sagadaa keessatti yeroo hundumaa, namni haaraan yommuu dhufu yoo waan dubbatu qabarate akka dubbatuuf ni hayyamamaaf ture (cf. lakk 5).

**13:15 "Macaafa Seeraa fi Macaafa Raajotaa keessaa erga dubbifamee"** Kun qaama toora sagadaa mana sagadaa isa bara Yesuus ture. Jalqabatti seera Musee qofaatu dubifamaa ture, garuu Antiokas 4ffaa Ephifaanes bara 163 (Dh.K.B)tti kana hambise. Ergasii Yihudonni dubbisa raajotaa bakka buusan. Yeroo fincila Makaabiyaaniitti, amantiin Yihudotaa deebi'ee waan horoomeef, seerichii fi barreefamoonni raajota tajaajila mana sagadaa keessatti lamaanuu dubbifamaa itti fufan (cf. Lakk. 27).

**MATA DUREE ADDAA: KAANOONII IBRAAYISXII**

Macaafni Qulqulluun Ibraayisxii iddoo sadiitti hirama (Macaafni Qulqulluun afaan Ingilizii, toora Macaafa Qulqulluu isa afaan Giriikii hordofa).

1. Toora (peentaatuk), uumamaa-keessa deebii
2. Raajota
   a. Raajota duraa, Iyyaasuu – Moototа (Ruutiin alatti)
   b. Booddee, Isaayyaas – Milkiyaas (Daani'eelii fi faaruu Ermiyaas utuu hin dabalatin).
3. Barreeffamoota
   a. Hogbarruu ogummaa (Iyyob – Fakkeenyaa)
   b. Hogbarruu bara boojii booddee (Izraa – Asteer)
   c. 'Megillotu' (barreeffamoota shanan)
      (1) Ruut (Pheenxeqoosxeetti dubbifama)
      (2) Macaafa Lallabara (mana qulqullummaatti dubbifama)
      (3) Weedduu weeddotaa (Faasikaatti dubbifama)
      (4) Faaruu Ermiyaas [kufaatii Yerusaalem yaadachuuf dubbifama (586. Dh.K.D)]
      (5) Asteer ('Purim' irratti dubbifama)
   d. Seenaa baraa 1ffaa fi 2ffaa
   e. Daani'eel

▣ **"warri geggeessituu mana sagadaa"** Isaan kun namoota warra Ijaarsa suphuu fi Toora sagadaatiif itti gaafatamummaa qabanidha (cf. Luq. 8:41,49). Isaan yeroo baay'ee keessummoonni akka haasa'aniif ni afeeru.

▣ **"dubbii gorsaa namootati himtan yoo qabarattan"** Kun hima sadarkaa tokkoffaa kan hala irratti hundaa'e yommuu ta'u, akka kaayyoo barreessichaatti yommuu ilaalamu dhugaadha jedhamee yaadama. Kun waaqeeffannaa mana sagadaa keessatti wanta baramaadha. Phaawuloos guutummaatti carrichatti dhimma ba'e.

**13:16 "Phaawuloos ka'ee"** Barsiisonni Yihudootaa yeroo baay'ee taa'anii barsiisu; Haa ta'uu malee, yeroo barsiisan dhaabachuun aadaa Giriikoo-Roomaati. Phaawuloos akkaataa fi dubbii fooyya'een isaanitti dubbate.

▣ **"harkaan ofitti isaan hammatee"** Phaawuloos akka isaan callisan gaafachuu isaati. Luqaas wanta ijaan argu kana yeroo baay'ee dhugaa ba'a (cf. 12:17; 13:16; 19:33; 21:40).

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 13:16b-25**

**16"Isin warra Israa'el isinis saba garaa garaa keessaa dhuftanii Waaqayyoon kan sodaaattan hundumtii**
**keessan dhaggeeffadhaa!" jedhee lallabuutti ka'e. 17"Waaqayyo gooftaan saba Israa'el kanaa, abboota keenya**
**fo'atee, yeroo isaan biyya Gibxiitti gala turanittis saba guddaa isaan godhe; booddees irree jabaadhaan achii**
**isaan baase. 18Waggaa afurtamas lafa onaa keessatti obese isaaniif danda'e. 19Biyya Kana'aan keessaa immoo**
**saba biyya torbaa balleessisee, lafa isaanii saba isaa kanaaf hire. 20Akka kanatti hamma waggaa dhibba**
**afuurii fi shantamaatti turan. "Isa booddee garuu hamma bara Saamu'eel raajichaatti abboota biyyaa isaaniif**
**kenne. 21Yeroo isaan mootii nuuf kenni jedhanii gaafatanittis, Waaqayyo gosa Biiniyaam keessaa Saa'olin**
**ilma Qiish isaaniif kenne; inni immoo waggaa afurtama mo'e. 22Saa'oliin mootummaa irraa buusee immoo,**
**Waaayyo, Daawitin isaaniif moosise. Waa'ee isaatiifis, 'Ani, Daawiitiin ilma Iseyi nama akka garaa koo**
**argadheera, inni jaalala koo hundumaa ni raawwata' jedhee dhugaa ba'e. 23Akkasumas abbachiisettis sanyii**
**namicha kanaa keessaa Waaqayyo saba Israa'eliif fayyisaa kaaseera; inni immoo Yesuus. 24Dhufa Yesus fuul**
**dura Yohaannis yaada garaa isaanii geeddaratanii akka cuuphamaniif saba Israa'el hundumaatti lallabee**
**ture. 25Yohaannis hojii isaa raawwachuu isaa jala, saba sanaan, 'anaan, eenyu na seetu? Anoo isa isin**
**eeggachaa jirtan miti; inni garuu na booddee ni dhufa; ani immoo hidhaa kophee isaatii illee hiikuudhaaf**
**nama ta'u mit' jedheen.**

**13:16b "isin warra Israa'el, isinis saba garaa garaa keessaa dhuftanii Waaqayyoonkan sodaaattan hundumti keessan dhageeffadhaa!"** Gartuu lamatu jira ture, Yihudootaa fi Omroota warra "Waaqayyoon sodaaatan" (cf. lakk. 26;10:2,22,35). Dubbiin kun dubbii Isxifaanoos HoE 7 wajin wal fakkaataadha. Karaa bay'een Phaawuloos hubannaa Isxifaanoos Kakuu Moofaa fi wangeela irratti qabuun baay'ee harkifamaa ture.

**13:17** Phaawuloos Kakuu Moofaa keessa deebi'ee ilaaluu abboota isaanii (Abrahaam, Yisihaaq, fi Yaaqoob) maqaa dha'uudhaanii fi boojuu biyya Gibxii fi achii hiikamuu isaanii (Seera Ba'uu Keessa Deebiitti) tuquudhaan jalqaba.

▣ **"irree jabaradhaan achii isaan barase"** Kun haala ittiin Kakuu Moofaa keessatti Waaqayyo jechoota qabatamoo ta'aniin ibsamudha (cf. LXX Ba'u 6:1,6). Gaalee "harka Isaa mirgaa" jedhuu wajjin wal fakkaataadha. Macaafni Qulqulluun Waaqayyo kan bara baraa, kan hin qaqabatamne hafuura iddoo hundumaa jiru ta'u iyyuu waa'ee isaa jechoota namaaf fayyadanitti dhimma ba'uudhaan dubbata. Ibsoonni Macaafa Qulqulluu irra jiran kaun madda akka malee hubachuu fi dubbii keessa ba'e dubbachuuti. Macaafni Qulqulluun waa'ee Waaqayyoo bir-qabaran, fakkeenyaanii fi yaada faallaatiif dubbata. Waaqayyo hamma namni cubbamaan, yeroodhaan daangeeffamuufi wanta biyya lafaan qabame ibsuu danda'u gararraadha!

**13:18 "waggaa afurtamaaf lafa onaa keessatti obese isaaniif danda'e"** Kun Keessa 1:31 kan calaqisiisuu fi "gargaaraa isaaniif ta'e" jedhamee hiikamuu danda'a (cf. MSS A,C). Kun Macaafota Kakuu Moofaa, Seera Ba'uu fi Seera Lakkoofsaa agarsiisa.

Jechi "afurtama" jedhu yeroo baay'ee lakkoofsa dachaadha. Dhugaatti yeroon Horebii hanga Shittimitti fudhattu waggaa soddomii saddeeti, waggaa lama immoo Horeb (Siinaa) turan.

**13:19 "saba biyya torbara balleessisee"** Biyyoonni Phaalistiinaa karaa baay'eedhaan ilaalamuu danda'u.

1. Walitti qabaratti Kana'aanoota (warra gamoojjii Uma 10:18-29; Abboota Firdii 1:1) ykn Amoorota (warra baddaa (cf. 15:16).
2. biyyoota lama (Kana'aanota, Pheriizota, cf. uma 13:7; 34:30; Abbota Firdii 1:4-5)
3. saboota biyya sadii (Hiiwota, Kana'aanota, Heetota, cf. Ba'u 23:28).
4. saba biyya ja'aa (Kana'aanota, Heetota, Amoorota, Phriizota, Hiiwota, yibusootoota, cf. Ba'u, 3:8,17; 33:2; 34:11 Keessa Deebii 20:17; Iyas 9:1; 12:8).
5. saba biyya torbara (Heetota, Girgaashota, Amoorota, Kana'aanota, Pheriizota, Hiiwota, yibusoota, cf. Keessa Deebii 7:1; Iyas. 3:10; 24:11).
6. saba biyya kudhanii (Qenoota, Qeniizota, Qadimonoota, Heetota, Pheriizota, Refaa'ota, Amoorota, Kana'aanota, girgaashota Yibusoota, cf. Uma. 15:19-21).

▣ **"hire"** Jechi dacha *kata* + *nlērost* + *nemō* irraa ijaarame Macaafa Qulqulluu Kakuu Haaraa keessatti as duwwaa jira (barreeffamoonni biraan *kata* + *nlērost* + *didōmi*). Kun lafa Kakuu sana gosoota hundumaaf hiruu keessatti taatonni baay'een hirmaachuu isaanii agarsiisa (cf. Iyas. 13:19).

▣ **"wagaa dhibba afurii fi shantama"** Lakkoofsi kun kan irra ga'ame.

1. Gibxii keessatti waggaa 400 galaatti jiraachuu isaanii irraa (cf. Uma. 15:13)
2. waggaa 40 lafa onaa keessa adeeman (cf. Ba'u 16:35; Lakk. 14:33-34; 32:13) irraa
3. waggaa 7:10tti laficha qabachuu isaanii irraa (cf. Iyas. 14:7,10).

"Textus Recptus" (KTV)'n lakkoofsicha gara lakk 20tti geessa, waan abboota firdii of keessaa qabus fakkaata (Josefas hordofuudhaan, *Antiq* 8:3-1), garuu jechi kun barreeffama Giriikii isa durii isa wayyu (cf. א, A, B, C) keessa hin jiru, kun 1Mot :1 irra yeroo jiruu wajjin kan walsimudha. Sararri xiqqaan NASB keessa jiru iddoo sirrii lakkoofsa kanaa sirriitti mul'isuufidha.

**13:20** Kun 1Sam 7 agarsiisa.

**13:21** Kun 1Sam 8-10 agarsiisa.

▣ "waggaa afurtama" Gaaleen yeroo kun yoo rakkoon barreeffama Kakuu Moofaa 1Sam. 13:1 wajjin walqabate "afurtama" (NIV) jecha jedhu of keessaa qabarate malee Kakuu Moofaa keessatti hin argamu. Josefas, *Antiq* 6:14:9 akkasumas waggaa furama caqasa. Macaafni Qulqulluun hiikaan afaan Giriikii himicha guutummaatti dhiisee 1Sam. 3:2 irraa eegala. "Afurtamni" aadaa barsiisa amantii keessa jiraachuun isaa beekamaadha.

**13:22 "ANI DAAWITIIN ILMA ISEYI NMA AKKA GARAA KOO ARGADHEERA"** Kun kallattiidhaan Kakuu Moofaa keessaa kan waraabame utuu hin ta'in Far. 89:20 fi 1Sam. 13:14 kan walitti qabu fakkaata. Dubbiin Phaawulos haala bu'uuraa Isxifaanos ittiin boqonnaa torba keessatti seenaa hubachiise kan hordofu ta'uun isaa yaadatamuu qaba. Daawit nama cubbamaa (cf. Far. 32,51; 2Sam. 11) ta'ee utuu jiruu nama akka garaa Waaqayyoo jedhamiin isaa amantoota hundumaaf jajabina kan kennudha.

Waraabbiin walitti qindaa'e kun waan baay'ee agarsiisa.

1. Kun shaakala barsiisota amantii isa bu'uuraati, kunis waraabbiiwwan Kakuu Moofaa Kakuu Haaraa keessatti haala hin baramneen kaa'aman kan ibsudha.
2. Kun durumaan dursee gaaffii fi deebii kiristiyaanummaa keessa turedha. Phaawulos yeroo baay'ee weedduuwwan kiristiyaanaa durii irraa yookiin barreeffamoota biro irraa fudhatee barreessa.
3. Waraabbiin kun addumatti kan Phaawulosi. Luqaasis guduunfaa ergaa Phaawuloos jalqaba Hojii Ergamootaa keessatti barreeffame kana Phaawuloosuma mata isaa irraa argate ta'uu qaba.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB,NKJV** | **"jaalala koo hundumaa isa raawwatu"** |
| **NRSV** | **"fedha koo hundumaa kan raawwatu"** |
| **TEV** | **"wanta ani akka inni raawwatu barbaradu hundumaa kan raawwatu"** |
| **NJV** | **"fedha koo hundumaa kan hojjetu"** |

Lakkoofsi kun yaadota karaa biraa Kakuu Moofaa agarsiisan irraa kan qindaa'edha. Kutaan himichaa kun barreeffama Kakuu Moofaa keessa hin jiru. Akka Kakuu Moofaatti Phaawuloos waan hin abboomamneef ni tuffatame. Garuu jireenyi Daawitis amanamummaa dhabuu of keessaa qaba. Waaqayyo karoora isaa fayyinaa raawwachuudhaaf namoota qulqulluu hin taaneetti dhimma ba'a.

**13:23** Kun HoE 7:52 wajjin wal fakkaata. Kakuuwwan Kakuu Moofaa hundumaa duubatti deebi'ee agarsiisa.

1. Fayyina karaa sanyii dubartii, Uma. 3:15
2. Mootii Yihuudaa keessaa, Uma. 49:10
3. Geggeessaa akka Musee isa dhufuuf jiru, raajicha, Keessa Deebii 18:15,18
4. Mootii hidda Daawit, 2Sam. 7; Far. 132:11; Isa. 11:1,10; Mat. 1:1
5. Hojjetaa isa dhiphatu, Isa 52:13-53:12
6. Fayyisaa, Luq. 2:11; mat. 1:21; Yoh. 1:29; 4:42; HoE 5:31

Luqaasiif #4tu barbarachisaadha (cf. Luq. 1:32,69; 2:4; 3:31; HoE 2:29-31; 13:22-23). Masihichi hidda Iseyi keessaa dhufa (cf. Isa. 9:7; 11:1,10; 16:5).

**13:24** Tajaajililli fi ergaan Yohaannis cuuphaa Marq. 1:1-8; Mat. 3:1-11; Luq. 3:2-17; Yoh. 1:6-8,10,19-28 keessatti ibsameera. Yohaannis raajii Matt. 3:1; 4:5-6 irra jiru raawwateera. Lallabni qalbii diddiirannaa isaa lallaba Yesuus isa jalqabarafis bu'uura buuseera (cf. Mat. 4:17; Marq. 1:14-15).

Yohaannis waa'ee is adhufuuf jiruu, isa isa irra caaluu dubbate (cf. Mat. 3:11; Marq. 1:7; Luq. 3:16; Yoh. 1:27,30; HoE 13:25).

**13:25 "Yohaannis hojii isaa rraawwachuu isaa jala"** Waaqayyo Yohaannisiif hojii murtaa'aa inii hojjetu qaba ture. Tajaajilli Yohaannis mul'inatti godhe ji'a kudha saddeet duwwaa ture. Garuu waggaa tokkoofi walakkaa ta'u iyyuu humna hafuura qulqulluutiin kan guutee fi Masihichaaf karaa kan qopheessaa turedha.

Phaawuloos dargaggummaa isaa irraa kaasee mana barumsaa isa kan mana sagadaa fi Yerusaalemitti Gamali'eeliin aka barsiisaa amantiitti waan barateef Kakuu Moofaa beeka ture. Jalqaba wangeela Isxifaanos irra dhaga'e, itti fufees amantoota ari'achaa ture irraa, itti aansees mul'ata addaatiin Yesuus irraa, Yihudii nama Damaasqoo isa nama amanee fi nama hin baranne ture irraa, Yesuusiin Arabiyaa keessatti booddees ergamoota

warra biraadhaan barsiifameera. Dhimma barbarachisu hundumaatti barsiisa Yesusitti fayydamuu yaala. Asitti waa'ee jireenya isaa wangeela keessa jiruu lafa kaa'a.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 13:26-41**

**[26]"obboloota koo, isin hortee ijoollee Abrahaam, isin warri kan biraa warri Waaqayyoon sodaaatanii as jiraatan, sagaleen fayyinaa kun nuuf ergamee dhufeera. [27]Warri Yerusaalem jiraatanii fi warri isaan geggeessanoo akka inni fayyisaa ta'e hin beekne, sagalee raajotaa isa Sanbatuma dhuftu dubbifamus hin hubanne; utuma ta'uu iyyuu immoo Yesusiitti fardauu isaaniitiin isa raajonni dubbatan raawwataniiru. [28]Sababnii du'a isatti farachiisu hin arganne; utuma kana beekanii garuu akka inni ajjeeffamuuf Philaaxoosiin gaafatan. [29]Waa'ee isaatiif kan caafame hundumaa erga raawwatanii, muka fannoo irraa gad buusanii awwaala keessa is akaa'an. [30]Waaqayyo garuu warra du'an keessaa isa kaase. [31]Inni guyyaa baay'ee warra isaa wajjin Galiilaadhaa gara Yerusaalem dhufanitti mul'achaa ture; namoonni isa argan kun amma saba Waaqayyootti isaaf dhugaa ba'u. [32]Ammas Waaqayyo waan abaabilii keenya abdachiise akka raawwatetti misiraachoo isinitti ni himna. [33]Inni Yesuusin du'aa kaasuu isaatiin nuyi ijoollee ijoollee isaaniitiifis kunoo, abdii isaa nuuf raawwateera. Faarfannaa isa lammaffaa keessatti, 'ATI ILMA KOOTI, ANTI HAR'AN SI DHALCHE' kan jedhu caafameera. [34]Waa'ee du'aa isa kaasuu isaatiif, gonkumaas awwaalatti akka inni hin deebine gochuu isaatiif immoo, Ayyaana isa qulqullaa'dhaa fi isa amanamaa, isa ani DAAWITIIN abdachiise isiniif nan kenna' ni jedha. [35]Kanaafis iddoo biraatti immoo, 'ATI ISA QULQULLUU KAN KEETII TORTORATTI DABARSITEE HIN KENNITU' ni jedha. [36]"Daawit bara isaatti akka jaalala Waaqayyootti hojjetee, yommuu du'e abboota isaa biratti awwaalamee, tortores. [37]Inni Waaqayyo du'aa kaase garuu tortoratti hin kennamne. [38]Kanaafis karaa Yesus isa du'aa ka'e kanaan dhiifamuun cubbuu isiniitti ni lallabama. [39]Irra-daddarbaa seera Museetiin ittii hiikamuu hin dandeenye, hundumaattis hiikamuun isumaan akka argamu isin biratti haa beekamu, yaa obboloota koo! Yesusitti kan amanu hundinuu hiikama ni argata. [40]Kanaafis wanti raajonni dubbatan isin irratti akka hin raawwatamneef of eeggadhaa! [41]'ILAA ISIN YAA WARRA GA'IFTUU, DINQIFADHAA, BADAAS! HOJII ANI BARA JIREENYA KEESSANITTI HOJJECHUUDHAAF JIRU, YOO NAMNI ISINITTI HIME IYYUU HIN AMANTAN' JEDHA JEDHE.**

**13:26 "obboloota koo, isin hortee ijoollee Abrahaam, isin warri kan biraa warri Waaqayyoon sodaaatanii as jirtan"** Kun Yihudoota dhaggeeffataa turanii (ykn warra amanan) fi warra saba Waaqayyoo hin ta'in (warra Waaqayyoon sodaaatan) Waaqa tokkichatti amanuu fi naamusa amantii warra Yihudootaatiin wal qabatan kan agarsiisudha.

▣ **"sagaleen fayyinaa kun"** Kun Kakuu Waaqayyo ilmaan namaa cubbuutti kufan karaa Masihichaa fayyisuudhaaf gale (cf. Uma. 3:15) kan agarsiisudha. Kun immoo warra amotaas kan hammatudha (cf. Uma. 12:5; Ba'u 19:5-6 fi HoE 28:38 fi 13:46).

**13:27** Kun lakkoofsa nama gaddisiisudha. Yihudoonni Yerusaalem keessa jiran walitti fufiinsaan dubbisan illee jaamummaa isaan Macaafa Qulqulluudhaaf qaban gabarabaratti kan guduunfudha. Millikitoota raajaman hubachuu dadhabuudhaanii (cf. Far. 2; Isa. 53; Zak. Mil) fi raajii raajame hubachuu dadhabuu isaaniitiin (Isaayyaas, Yoonaas) isaan milikkita raajichaa ta'an! Inni gara biyya dhuunfaa isaa dhufe; namoonni isaa garuu isa hin simanne (Yoh. 1:11-12).

**13:28** Hojiin Ergamootaa irra dedeebi'ee itti gaafatamummaa hafuuraa Yihudoonni Yerusaalem jiraatan qaban caafa (cf. 2:23,36; 3:13-15; 4:10; 5:30; 7:52; 10:39; 13:27-28).

**13:29 "isaan…isaan"** Kun gartuu garaa garaa kan agarsiisu ta'uu qaba. Warri jalqabara warra du'uu isaa arganidha (geggeessitoota Yihudootaa, saba Philaatoos dura turan). Warri lammaffaan immoo warra seeraan isa awwaaluu barbaradanidha. Kun Yihudoota amanamoo haqni dabuu isaa argan ta'uu danda'u (akkuma HoE 8:2, awwaalamuu Isxifaanoosiin kan walqabatu) ykn bartuu akka Yoseef nama Armaatiyaa fi Niqoodemoos (cf. Yoh. 19:38-42).

▣ **"waa'ee isaatiif kan caafame hundumaa"** Jireenyi Yesuus raajii raawwwatame keessaa is atokko. Macaafni Qulqulluun yaada bu'uuraa ta'uun isaa fi Yesus namni Naazireet Masihicha ta'uu isaatiif ragaa guddaan tokko raajii dubbatamedha (cf. Luq. 22:22; HoE 2:23; 3:18; 4:28; 10:43; 13:29; 24:14; 26:22).

Yaadni gadifageenyaan waa'ee jireenya Yesus irratti kaa'amu kan nu'i waldaa har'aa keessatti raajiidha jennu gaaffii tokkoo malee yaadota akaakuu garaa garaatti hiramanidha. Jireenya Israa'elotaa keessatti taateewwan baay'een ta'aniiru, kun immoo booda jireenya Yesus keessattis raawwateera (fakkeenyi tokko, Hose. 11:1). Barreeffamoonni ifa hin taane kan akka raajiitti hin hubatamne, turtiin Yesus biyya lafaa yoo ilaalame jireenya isaa keessatti waan mul'atan fakkaatu (Far. 22; Isa. 53). Kakuu Moofaan waa'ee Yesus dubbachuu isaa sirriitti/gutummaan guutuutti dinqisiifachuudhaaf kaka'umsaa fi yaa'a seenaa hojii fayyisuu hubachuu barbarachisa.

▣ **"muka fannoo"** Barreeffama 5:30 fi 10:29 irra jiru ilaali. 13:30,33,34,37 "Waaqayyo garuu warra du'an keessaa isa kaase" Du'aa ka'uu Yesus keessatti sadan tokkummaan sadanuu qooda fudhachuu isaanii Kakuu Haaraan ni mirkaneessa.

1. Hafuura Qulqulluu (cf. Rom. 8:11)
2. Ilma (cf. Yoh. 2:19-22; 10:17-18)
3. Abbaa (cf. HoE 2:24,32; 8:15,26; 4:10; 5:30; 10:40; 13:30,33,34,34; 17:31; Rom. 6:4,9; 1Qor. 6:14; 2Qor. 4:14; Gal. 1:1; Efe. 1:20; Qol. 2:12; 1Tas. 1:10).

Kun isa Waaqayyo Abbaran jireenyi Yesusii fi barsiisi isaa dhugaa ta'uu isaa mirkaneessedha. Kun ilaalcha bu'uuraa Kergmatti (Qabiyyee barsiisota HoE keessa jiranii). Mata duree addaa 2:14 irra jiru ilaali.

**13:31 "guyyaa bara'ee"** HoE. 1:3 "guyyaa afurtama" jedha. Haa ta'u malee afurtamni lakkoofsa dacha Kakkuu Moofaati.

▣ **"mul'achaa ture"** Mata duree addaa itti aanee jiru ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: MUL'ACHU YESUUS DU'AA KA'UU BOODA**

Du'aa ka'uu isaa mirkaneessuudhaaf Yesus namoota baay'eetti of mil'iseera.

1. dubartoota iddoo awwaalichaa dhaqan, Mat. 28:16
2. duuka buutota kudha tokkoon, Matt. 28:16
3. Simi'oon, Luq 24:34
4. namoota lama, Luq. 24:15
5. duuka buutota, Luq. 24:36
6. Maariyaam ishee magaalaa, Yoh. 20:15
7. duuka buutota kudhan, Yoh. 20:17
8. duuka buutota kudha tokko. Yoh. 20:26
9. duuka buutota torba, Yoh. 21:1
10. Pheexiroos, 1Qor. 15:5
11. warra kudha lamaan (ergamoota), 1Qor. 15:5
12. wbboloota dhibba shan, 1Qor. 15:6 (Mat. 28:16-17)
13. Yaa'iqoob (fooniin maatiisaa kan ture), 1Qor. 15:7
14. ergamoota hunduma, 1Qor. 15:7
15. Phaawuloos 1Qor. 15:8 (HoE 9)

Kana keessaa muraasni waan walfakkaataa akka agarsiisan beekamaadha. Yesus jireenyatti jiraachuu isaa qabatamaatti akka isaan beekan barbarade.

**13:32 "waan abarabilii keenya abdachiise"** Kun Kakuu Waaqayyo jalqabatti lafaa fi dhala kennuufiidhaaf Abrahaamiif kakate agarsiisa (cf. Uma. 12:1-3; Rom 4). Kakuun wajjin ta'uu fi eebbara Waaqayyoo kun abboota

isaanii fi ijoollee isaaniif irra deebi'ame (cf. Isa. 44:3; 54:13; Yo'el 2:32). Kakuu Moofaan laficha irratti xiyyeeffata, Kakuu Haaraan immoo "ilmicha" irratti xiyyeeffata. Rom. 1:2-3 keessatti Phaawuloosa karaa naannawaadhaan kana agarsiisa.

**13:33** Kun Far. 2:7 irraa kan fudhatamee fi faarfannaa mana mootummaa waa'ee Masihichaa kan lola irratti ka'uu fi mo'icha Masihicha isa abdachiifamee kan agarsiisudha. Yesus humnoota hameenyaatiin ajjeeffamee ture (namootaa fi hafuura hamaa). Garuu Waaqayyo mo'ichaan isa kaase (cf. Rom. 1:4).

Lakkoofsi kunii fi Rom. 1:4 barsiisota sobara duriitiin Yesus du'aa ka'uu booddee Masihi ta'e jedhanii ibsuudhaaf oolaa kan turedha. Kakuu Haaraan abboomamuu isaatiin kabajamuu fi ulfina argachuu Yesus irratti mul'inatti xiyyeeffachuun isaa Waaqummaa fi ulfina isaa duraan jiru irraa adda ba'ee ilaalamuu hin qabu (cf. Yoh. 1:1-5, 9:18; Fil. 2:6-11; Qol. 1:13-18; Ibi. 1:2-3).

Xumurri walfakkaataan "kaase" (*anistēmi*) jedhu HoE 3:26 keessatti Waaqayyo "Hojjetaa" isaa kaase jechuuf, HoE 3:22 keessatti immoo Waaqayyo Raajicha kaasee (cf. 7:37; Keessa Deebii 18:19) jechuudhaaf gargaareera. Kun itti fayyadama "warra du'an keessaa kaafame" jedhu irraa adda ta'e fakkaata (cf. Lakk. 30,34,37). Yesus utuu hin du'in dura "kaafame"!

**13:34 "gonkumaas awwaalatti akka inni hin deebine"** Himni kun du'uu fi du'aa ka'uu Yesus agarsiisa. Inni warra du'an keessaa kaafamuudhaan (warra du'an keessaa ija isa jalqabara, cf. 1Qor. 15:20) isa jalqabarati. Kun immoo hafuurri itti deebi'uu jechuu miti. Macaafa Qulqulluu keessatti namoonni baay'een du'aa kaafamaniiru, garuu isaan deebi'anii du'aniiru. Henookii fi elsahi utuu hin du'in gara Waaqaatti ol butaman, garuu isaan du'aa hin kaafamne.

▣ **"AYYAANA ISA QULQULLAA'AADHAA FI ISA AMANAMAA, ISAANI DAAWITIN ABDACHIISE ISNIIF NAN KENNA"** Kun Isa. 55:3, LXX keessaa kan fudhatamedha. Waraabbiin kun "ayyaana isaa amanamaa" jedhu malee eenyuuf akka ta'e hin agarsiisu. Kun waan Waaqayyo irraa Daawititti, Yesusitti, achiis duuka buutota isaatti (isiniif) darbeedha. Kakuu Moofaan barbarachisummaa isa "isiniif" jedhuu agarsiisa (cf. Isa. 55:4-5 LXX, "kunoo, ani Daawitiin sabaraf dhuga baratuu godheera, inni sabaraf dura-buutuu fi ajajjuu ta'eera. Kunoo inni Waaqayyo gooftaan inni quqlulluun kan Israa'el kana godheera, ulfina isaa siif kenneera; kanaafis ati saba hin beekne ni waamta, sabni si hin beeknes gara keetti ni fiiga" Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii Zonderran, 1976, ful. 890).

Ayyaannii fi kakuun Daawit (Yihudoota) har'a ayyaanaa fi kakuu warra Ormoota jedhamniiti (sanyii namaa hundumaa).

**13:35-37** Kun dubbii walfakkaataa duraan lallaba Pheexiroos gaafa Phenxeeqoosxee keessatti gargaaramedha (cf. 2:24-32), akkasumas Far. 16 irra kan fudhatame. Barsiisonni durii Hojii Ergamootaa keessa jiran kun qormaata gaaffii fi deebii kiristiyaanoota durii calaqisiisa. Barreeffamoonni Kakuu Moofaa waa'ee masihichaa dubbatan baay'een isaanii kan walitti hidhamanidha. Kanaaf, maqaa fi yaadonni kan biraan kaayyoo giddu galeessaa barreessaa Kakuu Haaraatiif barbarachisoo hin fakkaatan, kunis du'aa ka'uu foonii Yesusii fi tortoruu Daawit kan ibsudha.

**13:38** Phaawuloos warra mana sagadaa kana keessatti dhaggeeffatan qaqqabuudhaaf akkuma Pheexiros (HoE 2) fi Isxifaanoos (HoE 7) ibsoota yaada dabalataa qaba Kakuu Moofaa keessaa fayyadama.

Phaawulos warra Yesusiin akka Kiristoositti ("isa" lakk. 38,39) amanan hundumaaf dhifamuu cubbuu guutuu ta'e isa amantiin Yihudootaa hin laannee abadachiise.

**13:39 "hundumattiis hiikamuun isumaan"** Qabiyyee isa waligalaa ta'uu isaa hubadhu. Waaayyo nama hundumaa jaalata, namni hundumtuus amantiidhaan isatti dhi'aachuudhaaf carraa qaba (cf. 10:43; Isa. 42:1,4,6,10-12,55; Hisq. 18:32; Yo'el 2:28-32; Yoh. 3:16; Rom. 3:22,29,30; 10:9-13; 1Xim. 2:4; 2Phex. 3:9).

▣ "kan amanu" Barreeffama 3:16 irra jiru ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"hundumaattiis hiikameera" (lakk. 39)** |
| **NRSV** | **"cubbuu hundumaattii hiikamaniiru" (lakk. 39)** |
| **TEV** | **"cubbicha hundumaatti hiikamaniir" (lakk. 39)** |
| **NJB** | **"cubbuu hundumaatti qullaa'uu" (lakk. 38)** |

Kun dhugaatti "qulqulleeffamaa"dha. Kun jecha seeraa isa karaa qajeelummaa Yesus Kiristos Waaqayyo dura dhaabachuu keenya ibsudha (cf. 2Qor. 5:21). Afaan Ibrootaatiin kan jechuun jalqabatti "leemmana bishaan keessaa" jechudha. Kunis caaseffama dubbii Kakuu Moofaa fakkeenyaan Waaqayyoon akka qajeelfama firdiin ittiin laatamuutti ibsu kan calaqisiisudha.

▣ **"irra dadarban seera Museetiin ittii hiikamuu hin dandeenye"** Kun amantii bu'uuraa Phaawuloosidha (cf. Rom. 3:21-30). Seerri Musee cubbuu keenya hubannee Kiristoosin akka barbarannu kan nu barsiisudha (cf. 3:23-29). Seerri Kakuu Moofaa karaa fayyinaa miti, sababiin isaa hundumtuu yakkaniiru (cf. Rom. 3:9-18,23; Gal. 3:22). Kunis firdii du'aa, abararsa ta'e (cf. Gal. 3:13; Qol. 2:14).

**13:40-41** Phaawulos Yesusin Masihicha isa abdachiifame ta'uu isaa fi dhiifamuu cubbuu argachuudhaaf karaan isa duwwaa ta'uu isaa (cf. Yoh. 14:6; HoE 4:12; 1Xim. 2:5) akka amananiif dhaggeeffatoota isaaf waamicha godhe.

Akka akeekkachisaatti Ambaraqoom 1:5 fudhate. Barreeffamoota Phaawulos iddoo biraa keessatti akka jireenya dhugaati Ambaraqom 2:4 fudhata (cf. Rom. 1:17; Gal. 3:11). Phaawuloos mutoodhaaf lallaba. Akkaataan haasaa nama beekaa ga'aa miti, akka abdii isa kophaatti mataa ofii Yesuusiif kennuu barbarachisa. Amantii fi yaadni garaa geeddarannaa jalqabara kun yeroo hundumaa jireenya Kiristoosiin fakkaatu qabarachuudhaan wal simuu qaba.

Lakkoofsi 41 mala barsiisa fayyinaa isa Kiristoos wajjin kakuu galuu isa haaraa ibsa.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 13:42-43**

**[42]Yeroo Phaawuloosii fi Baarnaabaas mana sagadaa keessaa ba'anii adeeman, Sanbata itti aanutti immoo dhufanii dubbii kana dabalanii akka itti himaniif namoonni isaan kadhatan. [43]Sagada booddee immoo Yihudoonni baay'een akkasumas saba garaa garaa keessaa barsiisa Yihudootaa kan fudhatan, Phaawuloosii fi Baarnaabaas isaan gorsanii, ayyaana isa Waaqayyo isaaniif kennetti qabamanii akka jiraatan, cimsanii isaan yaadachiisan.**

**13:42** Kun humna Hafuura Qulqulluu agarsiisa (1) lallaba Phaawulositti dhimma ba'uudhaan fi (2) dhiifamuu cubbuu barbaraduu fi laphee nama bifa Waaqayyootti uumamee Waaqayyoo wajjin walitti araarsuudhaan.

**13:43**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"amantoota Waaqayyoon sodaaatan"** |
| **NKJV** | **"amantoota of kennan"** |
| **NRSV** | **"warra amantii Yihudootaa fudhatnanii of kennan"** |
| **TEV** | **"Ormoota amantii Yihudootaa fudhatan"** |
| **NJB** | **"Amantoota of kennan"** |

Hiikaan gaalee kanaa "Waaqeffatoota haaraa amanan" jechuudha. Kun "warra Waaqayyoon sodaaatan" lakk 16,26 irraa gartuu adda ta'edha (cf. 10:2,22,35).

Lakkoofsa 43 Ormoota warra mul'inatti amantii Yihudootaa fudhatan agarsiisa. Kunis (1) iddoo dhuga-baratuun jirutti cuuphamuu: (2) dhagaa qabara dhiiraa: (3) yeroo danda'amaa ta'etti mana qulqullummaa Yerusaalemitti aarsaa dhi'eessuu kan gaafatudha. Kakuu Haaraa keessa kutaawwan warra haaraa amanan agarsiisan muraasi jiru (cf. Mat. 23:15; HoE 2:11; 6:5; 13:43).

▣ **"ayyaana isa Waaqayyo isaaniif kennetti qabamanii akka jiraatan, cimsanii isaan yaadachiisan"** Galumas isaa irraa gaalee kana ibsuun ulfaataadha: (1) dhaggeeffattoota kana keessaa tokko tokko laphee isaanii keessatti wangeelaaf abboomamaniiru ta'e ykn (2) Warri ayyaana Waaqayyoo isa Kakuu Moofaa keessaa

hubataniif amanamoo ta'an Waaqayyoon barbaradachuu akka itti fufanii fi Phaawuloosiin irra deebi'anii akka dhaggeeffataniif yaadachiifaman (cf. lakk 44).

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 13:44-47**

**44Sanbata itti aanutti namoonni mandara sana garri caalan dubbii Waaqayyoo dhaga'uudhaaf dhufan. 45Warri Yihudootaa baay'ina namootaa yommuu argan hinaaffaan isaan keessa guutee, waan Phaawuloos jedheen kan mormu dubbachuudhaan arabsan. 46Phaawulosii fi Baarnaabaas garuu caalsisanii ija jabinaan dubbatani, "Dubbiin Waaqayyoo dura isin saba Israa'elitti himamuun ni barbaachisa ture. Amma garuu erga isa fudhachuu diddanii, jireenya bara baraatti galuudhaafis "warra hin malleedha' erga ofiin jettanii, nuyi gara saba warra kaanii dhaqu keenya. 47Gooftaan akkasumas 'Ani saba koo warra hin ta'iniif ibsaa, biyya lafaa hundumaafis fayyisaa akka taatuuf si kenneera' jedhee nu abboomeera" jedhan.**

**13:44** Ergaan Phaawuloos dhiibbara beekamaa qaba ture Kunis raajayyeesa. Namni magalichaa hundi hin hirmaanne.

**13:45 "warri Yihudootaa baray'ina namootaa yommuu argan hinaaffan isaan keessa guutee"** kan isaa hinaafsise baray'inni namootaa yookiis baray'ina saba warra kaanii ta'uun isaa beekamaa miti. Hinaaffaan amala gaggeessitoota Yihudoota Yerusaalem jiranii yookiis biyya alaatii dhufaniitti (cf. Mat. 27:18, Marq. 15:10; HoE 17:5).

Booddees Phaawuloos ergaa gara warra Roomaa keessatti rakkoo barsiisa amantii, amanuu dadhabuu Yihudootaa barreesseera (cf. Rom. 9:11). Akka inni ibsutti Waaqayyo yeroo murtaa'eef sabni warri kaan akka fayyaniif Israa'elota jaamse. Haa ta'u malee Waaqayyo fayyina saba warra kaanii (hinaaffaa) karaa ittiin Israa'elonni Kiristoosiin dhaga'an gochuuf jira, kun immoo amantoonni hundumtuu karaa wangeelaa akka tokko ta'an godha (cf. Efe. 2:11-3:13).

Rakkoon jiru kun yoom akka ta'udha? Zak. 12:10 irrattis gaaffii wal fakkaataatu gaafatama. Raajiin kun waldaa bara durii Yihudoota amananiin hundoofte moo yeroo gara fuula duraa wajjin wal qabata? Hinaaffaan yaada garaa geeddarachuu agarsiisuu danda'a (cf. Rom. 10:19; 11:11,14), garuu hinaafaan barreeffama kana keessaa amanuu dadhabuu fida!

▣ **"hinaaffaan isaan keessa guutee"** Barreeffama 3:10 irra jiru ilaali.

▣ **"arrabsan"** Yihudoonni kun barmaatilee isaaniif dhaabatanii lallaba Phaawuloos yommuu morman, isaan mataan isaanii iyyuu arabsoo dubbachuu isaaniitif yakkamoodha. As karaa giddu kaa'aan hin jiru. Amantii Yihudootaa yookiin kiristiyaanummaatu dhugaatti fedha Waaqayyoo calaqqisisa. Isaan kun kan of keessatti wal hammatan miti/adda adda!

**13:46 "ija jabinaan dubbatanii"** Kun Kakuu Haaraa keessatti mallattoo Hafuuraan guutamuu keessaa isa tokko.

▣ **"dubbiin Waaqayyoo dura isin saba Israa'elitti himamuun ni barbarachisa ture"** Kun adeemsa lallaba tajaajilaa isa jalqabara ture. Yihudoonni dursa qabu ture (cf. Rom. 9-11), garuu Waaqayyo saba warra kaaniis itti dabale. Warri mana sagadichaa keessa turan Kakuu Moofaa isaanii waan beekaniif raajicha mirkaneeffachuu ni danda'u ture. Hojiin Ergamootaa yaada kanaa fi adeemsa kana irratti barreeffamoota baay'ee qaba (cf. 3:26; 9:20; 13:5,14; 16:13; 17:2,10,17).

▣ **"fudhachuu didanii"** Kun xumura cimaa Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii keessatti yeroo baay'ee dhimma itti ba'amedha. Hiikaan isaa bu'uuraa "itti amanuu diduu" jechuudha. Kunis Yihudoota dubbii Isxifaanoos keessa turaniif dhimma itti ba'ameera (cf. 7:39). Rom 11:1-2 keesattis Phaawuloos Waaqayyo akka isaan hin dhiifne, garuu akka isaan ilma isaa isa fayyinaaf karaa isa kophaa ta'e dhiisan ibsuudhaaf dhimma itti ba'eera, ilmi isa karaa inni ittiin guutummaatti of mul'ise ture.

▣ **“jireenya bara baraatti galuudhaafis ‘warra hin malledha’ erga ofiin jettanii”** Yaada murtoo duraan dursee godhamuu isa yaada fedha dhuunfaa irratti deebii hundaa’e jedhuu wajjin Hojii Ergamootaa keessatti xiyyeeffannaan itti kennamu qabarachuun ulfaataadha. Harkisa Waaqayyoo malee enyu illee gara amantiitti dhufuu hin danda’u (cf. Yoha. 6:44,65), garuu dhaga’uu fi dhaga’uu dhiisuu keenyaan nutti murteeffama. Wangeela lallabuu Phaawuloos dhaga’uu diduu isaaniittiin isaan eenyummaa isaanii isa dhugaa mul’isaniiru (cf. Yoh. 3:17-21). Waaqayyo deebii kennuu dide jedhamee hin himatamu. Inni karaa <u>isa kophaa ta’e</u> ilma isaa akka karaatti kenneera!

▣ **“gara saba warra kaanii dhaqu keenya”** Kun adeemsa labsii wangeelaa isa beekamaa/yeroo hundaa ta’e (cf. 18:6; 22:21; 26:20; 28:28; Rom. 1:16).

**13:47** Kun Isa. 49:6 irraa kan fudhatamedha. Simi’oon yommuu Luq. 2:32 keessatti Yesuusin eebbisu, inni masihicha isa hojii guutummaa biyya lafaaf fayyina fiduuf dhufe ta’uu isaa mirakenessuudhaaf yaada kana gargaarameera. “Ifa inni jedhu akka galumsa isaatti wangeela saba Waaqayyoo warra hin ta’initti lallabuu Phaawulosii fi Bararnaabaras iyyuu agarsiisuu danda’a (cf. “Use of Old Testament in the New” Darell Bochiinkan barreeffame, ful. 97 “*Foundations for Biblical Intepretation*” keessatti, Baroadman fi Holman publisher, 1994). Amma Phaawuloos wangeela guutummaa biyya lafaaf ta’u guutummaa biyya lafaattilabsuu agarsiisuuf gargaarama.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 13:48-52**

**[48]Saba Waaqayyoo warra hin ta’in kana dhaga’anii gammadan; dubbii Waaqayyoos ni jajan; Warri mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf yaadataman hundinuu amantoota ta’an. [49]Naanna’aa sana hundumaattis dubbiin gooftaa ni bala’ate. [50]Warri Yihudootaa garuu Giriikota keessaa dubartoota beekamoo warra amantii Yihudootaa fudhatan akkasumas dura buutuu mandara sanaa isaanitti tuqan. Kanaanis Phaawuloosii fi Baarnaaaas irratti ari’atamuu kaasanii, biyya naannoo sanaa keessaa isaan ni baasan. [51]Isaan immoo kana gochuu isaaniitiin mormuudhaaf awwaara miilaa isaaniitti qabate dhadha’atanii, gara mandara Iqoniiyuum dhaqan. [52]Haa ta’u iyyuu malee, amantoonni mandara Anxokiyaa gammachuudhaa fi Hafuura Qulqulluudhaan guutamanii turan.**

**13:48 “Saba Waaqayyoo warri hin ta’in kana dhaga’anii gammadanii, dubbii Waaqayyoos ni jajan”** Warri kun baay’een isaanii waggoota baay’eef mana sagadaa keessa kan turanii fi ergaa jaalala Waaayyoo fi nama hndumaaf Kiristoositti amanuudhaan fudhatamni hunduma isaanii hammatuu fi ergaa ibyya lafaa guutummaatti ilaalatu kana takkaa hin dhageenye. Yommuu dhaga’an gammachuudhaan fudhatanii (cf. 28:28) warra kaanittis dabarsan (cf. lakk 49).

▣ **“warri mootummaa Waaqayyootti galuudhaaf yaadataman hundinuu amantoota ta’an”** Kun mul’inatti dubbii murtoo duraan dursee godhame agarsiisudha (barsiisa amantii keessatti beekamaadha akkasumas barreeffamoota Yihudootaa Kakuu Haaraa fi Moofaa keessa jiran keessatti), garuu kun akkuma barreefamoota Kakuu Haaraa filannoo Waaqayyoo fi fedha namaa yaadota jedhaniin walqabaran hundumaa hariiroo ifa hin taane qaba (cf. Fil. 2:12,13). Kun jecha jecha raayyaa waraanaa (*tassō*) jedhu kan hiikni isaa “muuduu” jedhu irraa dhufe. Yaadni muudamaa kun Macaafota Waaqayyo fakkeenyaan kaa’e lamaan agarsiisa (cf. Dan. 7:10; Mul. 20:12). Inni biraan immoo Macaafa jireenyaati (cf. Ba’u. 32:32; Far. 69:28, Isa.4:3; Dan. 12:1; Luq. 10:20; Fil. 4:3; Ibi. 12:23; Mul. 3:5; 13:8; 17:8; 20:12-13; 21:27). Mata duree addaa: Filannoo/murtoo duraan dursee godhamu fi barbarachisummaa madaalli barsiisa amantii jedhu 2:47 irraa ilaali.

**13:50 “Yihudoonni garuu… dubartoota beekamoo… isaanitti tuqan”** Barreeffamni kun caasaa seenaa fi aadaa keessatti iddoo guddaa jaarraa tokkoffaa keessa dubartoonni Asiyaa xiqittii keessatti qaban agarsiisa (cf. 16:14; 17:4).

Akka galumsa kanaatti kun warra amantii Yihudootaa fudhatanii fi hawaasa keessatti geggeessitoota kan turan yookiin dursitoota hawaasichaatti warra heeruman agarsiisa. Kitaabni A.T.Robertson, “Word Picture in the

New Testament" jedhamu hidha 3ffaa, fuula 201 keessatti, dubartoonni saba warra kan Waaqayyoo hin ta'inii naamusaa isaa irraa ka'e amantii Yihudootaatti baay'ee harkifamu (cf. Strabo 7:2 fi Juvenal 6:542) yaada jedhu kaa'a.

▣ **"Phaawuloosii fi Bararnaabaras irratti ari'atama kaasanii"** Xim. 3:11 keessatti Phaawuloos kana agarsiisa.
13:51 "awwaara miilla isaaniitti qabae dhadha'atanii" Kun mallattoo Yihudootaa mormii agarsiisudha (cf. Mat. 10;14; Luq. 9:5; 10:11). Kun (1) awwaara yeroo deeman millaa fi kophee isaaniitti qabate yookiin (2) awwaara yeroo hojjetan dirriba isaaniitti qabate akka agarsiisu wanti beekamu hin jiru.

▣ **"Iqoniiyuum"** Kun magaalaa guddoo Laa'odiqeyaa, Galaatiyaa kutaa biyyaa bulchiinsa warra Roomaa jala jirtu keessatti argamtudha. Kun Anxokiyaa-Phisiidiyaa irraa karaa bahaa gara kibba bahaatti maayila saddeet fagaatti, Lisxiraa irraas kallattiidhaan gara Kaabaratti argamti.

**13:52 "gammachuudhaa fi Hafuura Quqlulluudhaan guutamanii turan"** Kun jalqaba gochaa yookiin gocha yeroo darbe keessa irra deddeebi'ame agarsiisu danda'a. NASB, 1995 kan fooyya'e yaada isa lammaffaa fudhata. Ari'atama gidduutti gammachuu namaa kennuu kan danda'u Hafuura Qulqulluu duwwaadha (cf. Yaq. 1:2ff; 1Phex. 4:12ff)

Gaaleen "amantoonni" jedhu ifa miti. Amantoota haraa moo gartuu tajaajilaa sana yookiis lachuu isaanii agarsiisa?

## GAAFFILEE MARII

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoo tokkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiraatu.

Gaaffileen marii kun kan isaan dhi'aatan, yaadawwan gurguddoo kutaa Macaafa kanaa keessatti ibsaman keessa deebitee akka si gargaaruufidha. Gaaffileen kun yaada kana kaasan malee ibsa kan irratti kennan miti.

1. Gartuu filatameen luboomsuu geggeeffamu barreeffama mirkaneessu ta'e HoE 13:2 maaliif hin gargaaru?
2. Phaawuloos jalqaba maaliif mana sagadaa keessatti lallabara ture?
3. Maarqoos maaliif gartuu tajaajilaa sanattii adda ba'e?
4. Lakk 39 akkamitt Galaatiyaa 3 wajjin walitti hidhama?
5. Murtoo duraan dursee godhamuu fi fedha namaa wajjin walqabsiisuudhaan lakk 48b ibsi.

# HOJII ERGAMOOTAA 14

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRTTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Phaawuloosii fi Baarnaabaas Iqoniiyumitti | Iqoniyuumitti | Tajaajila Iquniiyumitti ta'ee fi deebi'u isaanii | Iquniiyum keessatti | Tajaajila wangeelaa Iquniiyumitti |
| 14:1-7 | 14:1-7 | 14:1-7 | 14:1-4 | 14:1 |
| | | | | 14:2 |
| | | | | 14:3 |
| | | | | 14:4-7 |
| | | | 14:5-7 | |
| Phawuloosii fi Baarbaanaas Lisxiraatti | Waaqaota tolfamoo waaqeessuu Lisxiraatti | | Lisxiraadhaa fi Derbee keessatti | Naafni fayyuu isaa |
| 14:8-18 | 14:8-18 | 14:8-18 | 14:8-13 | 14:8-10 |
| | | | 14:14-18 | 14:11-18 |
| | Dhagaadhaan rukutamuu fi Derbeetti sokkuu isaa | | | Xumura ergamichaa |
| 14:19-20 | 14:19-20 | 14:19-20 | 14:19-20 | 14:19-20 |
| Anxookiyaa ishee siiriyaatti deebi'uu | Warra amanan jajjabeessuu | | Anxokiyaa ishee siiriyaatti deebi'uu | |
| 14:21-28 | 14:21-28 | 14:21-23 | 14:21-23 | 14:21-23 |
| | | 14:24-28 | 14:24-26 | 14:24-26 |

DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A guide to good Bible reading" fuula vii irraa)
*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HORDOFUU*

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Quqlulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa qulquluudhaaf hiika mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi hafuurri qulqulluun, hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan hiruun dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaaf furtuudha, kunimmoo giddu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata 1ffaa

2. Keeyyata 2ffaa

3. Keeyyata 3ffaa

4. kkk

### Ergamni Phaawuloos warra Galaatiyaa wajjin attamitti wal qabataa?

A. Bifoonni wabii kun lamaanuu wal duukaa ilaalamuu qabu sababiin isaas eenyummaa warra fudhatanii ilaalchisee yaadrimeewwan wal morman lamaan yeroo xalayichi itti barreeffame irratti dhiibbara waan uumaniifidha. Yaadrimeewwan lamaanuu akkaataa loojikiitti cimoo yommuu ta'na, ragaa macaafa Qulqulluu muraasa of keessaa qabu.

B. Yaadrimmeewwan lamaan
   1. Yaadrimee aadaa isa hanga jaarraa kudha saddeettaffaatti fudhatamaa ture
      a. Kun “Yaadirmee Galaatiyaa kaabara” jedhamee beekama.
      b. Akka yaadrimee kanaatti “Galaatiyaa”n, saba Galaatiyaa kan guddu gala kaaba baddaa Turjii (cf. 1Phex. 1:1) agarsiisa. Sabni Galaatiyaa kun biyya biraadhaa dhufanii (Giriikiitti keltoi yookiin laatiiniitti Galla). Dh.K.D jaaraa sadaffaatti naannoo kana kan qabatanidha. Isaan, “Gallo-Graecians” jedhamu turan, kunis obboloota isaanii warra Awurooppaa Lixaa irraa adda isaan barasuuf ture. Isaan Dh.K.D bara 230tti Attaalas 1ffaa, mooticha Phergaamamiin mo'amanii turan. Argamni Ji'oograafii isaanii giddu gala Kaaba Asiyaa Xinnittii fi Turkii ammaatti kan daangeeffame ture.

      c. Sababoota kana fudhannee yoo ilaalle, barichi gidduu shantamootaa yeroo Phaawuloos si'a lammaffaa fi sadaffaadhaaf hojii wangeelaatiif adeemetti ta'uu isaati miiltoowwan Phaawuloos wajjin adeemes Siilaasii fi Ximotewoos ta'uu isaaniiti.
      d. Namoonni tokko tokko Phaawuloos dhukkubsachuu isaa (Gal. 4:13), busaa wajjin wal-qabsiisu. Namoonni kun, Phaawuloos lafa qarqara galaanaa isa caffee fi busaa qabu jalaa ba'uuf gara baddaa kaabaratti deeme, jechuudhaan hubachiisu.
   2. Yaad-rimeen inni lammaffaan kan kaa'ame, Sir. WmM. Raamsee, *St. Paul the Traveley and Roman Citizen, New York*, G.P Ijoollee puutnaan, 1896n ture.
      a. Yaadrimeen inni kan aadaa “Galaatiyaa” akka sabaratti kan ibsu yommuu ta'u, Yaadrimeen inni kun immoo akka bulchiinsaatti ibsa. Phaawuloos yeroo bay'ee maqaa bulchiinsota Roomaa kan fayyadamu fakkaata (cf. 1Qor. 16;19; 2Qor. 1:1; 8:1, fi kkf) “Galaatiyaa” isheen bulchiinsa Roomaa “Galaatiyaa” ishee ummataa caalaa lafa (naannoo) bal'aa of keessatti hammatti. Saboonni biyya alaatii dhufan kun durumaan dursanii Roomaa deggeeraa turan, sababa kanaanis naannoo ofii isaanii irratti hiree ofii ofiin murteeffachuu fi aangoo naannoo isaanii irratti argatanii turan. Iddoon (naannoon) bal'aan kun Galaatiyaa yoo ta'e, Deemsi Phaawuloos hojii wangeelaatiif adeeme inni jalqabara kan inni gara magaalota kibba Anxokiyaa ishee Phisidiyaa, Liisxiraa, Derbee fi Iquniyumitti adeemuudhaan lallabe inni HoE 13-14 keessatti barreeffame, iddoo waldoonni itti argaman ta'uu isaati.
      b. “Yaadrime kibbara” kana yoo fudhanne, yerichi baray'ee kan ture ta'uu isaati, kunis “yaa'ii Yerusaalem” isa HoE 15 keessatti barreeffametti baray'ee dhi'oo, garuu isa dura ta'uu isaati, kun immoo Macaafa warra Galaatiyaa wajjin dhimma tokko kan ibsudha. Yaa'ichi kan godhame Dh.K.B bara 48-49tti yommuu ta'u, xalayichis kan barreeffame tarii yeroo dhuma kanatti ta'uu danda'a. Kun

yoo dhugaa ta'e, Kakuu haaraa keenya keessatti, ergaan gara warra Galaatiyaatti ergame xalayaa Phaawuloos barreesse isa jalqabara ta'uu isaati.

c. Ragaawwan yaadrimee Galaatiyaa Kibbaratiif dhiyaatan tokko tokko
   1) Miiltoowwan Phaawuloosii wajjin tuan maqaadhaan hin tuqamne, garuu Bararnaabaras yeroo sadii ibsameera (cf. 2:1,9,13). Kun deemsa Phaawuloos hojii wangeelaatiif deeme isa jalqabaratiin wal sima.
   2) Tiitoos akka dhagna hin qabamne ibsameera (cf. 2:1-5). Kun yaa'ii Yerusasalemitti ta'e isa HoE 15 duraan sirriitti kan wal simudha.
   3) Phaaxiroos ibsamuun isaa (cf. 2:11-14) fi rakkinni warra saba Waaqayyoo hin ta'in wajjiniin ture yeroo yaa'ii Yerusaalem duraatiin sirriitti wal sima.
   4) Yeroo qarshichi Yerusaalemitti geeggametti miiltoowwan Phaawuloos, kan iddoo garaa garaa irraa ta'an (cf. HoE 20:4) tarreeffamaniiru. Haata'u malee, tokkoon isaanii illee magaalota Galaatiyaa kaabara irraa hin ibsamne, haata'u malee waldoonni saba Galaatiyaa kun hirmaachuu isaanii beekna (cf. 1Qor. 16:1).

Yaadota yaadrimeewwan kana ilaalchisanii kennaman irratti ibsa bal'aa argachuudhaaf, hiikaa ogummaa dubbisi. Isaan lamaanuu xuqaawwan barbarachisoo of keessaa qabu. Asitti walii galteen guutummaatti hin jiru, garuu "yaadrimeen kibbara" Macaafa Hojii Ergamootaa hundumaa wajjin haala gaariidhaan kan wal simu fakkaata.

C. Walitti dhufeenya warra Galaatiyaa fi Macaafa Hojii Ergamootaa
   1. Phaawuloos yeroo shan gara Yerusaalem dhaquun isaa Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti Luqaasiin galmeeffameera.
      a. 9:26-30, amanuu isaa booddee
      b. 11:30; 12:25, waldaa warra Ormootaa irraa gargaarsa fiduudhaaf
      c. 15:1-30, walga'ii (yaa'ii) Yerusaalem
      d. 15:1-30, waldaa nagaa gaafachuuf dhaquu isaa
      e. 21;15ff, Ibsa hojii warra saba Waaqayyoo hin ta'inii isa biraa
   2. Ergaa gara warra Galaatiyaatti ergame keessatti, yeroo lama gara Yerusaalem dhaquun isaa barreeffameera:
      a. 1:18, waggoota sadii booda
      b. 2:1, waggoota kudha afur booddee.
   3. HoE 9:26 fi Gal. 1:18 gidduu walitti dhufeenyi jira jechuu haalli nu dandeessisu baray'een waan jiru fakkaata. HoE 11:30 fi 15:1ff irra yaadonni jiran, walga'iiwwan hin barreeffamin hafan warra Gal. 2:1 irratti ibsaman kan ibsanidha.
   4. HoE 15 fi Gal. 2 gidduu garaagarummaan muraasni jiru, garuu sababiin kanaa
      a. Akkaataa ilaalcha garaa garaa
      b. Kaayyoowwan garaagaraa Luqaasii fi Phaawulos
      c. Gal. 2 irratti ibsame dura yeroo muraasaan, garuu isaan walqabatee waan ta'eef ta'uu danda'a.

## QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 14:1-7**

**1Phaawuloosii fi Baarnaabaas mandara Iqoniiyumittis akkasuma mana sagadaa warra Yihudootaatti lixanii akki isaan itti lallaban kophaa ture; kanaaf namoonni baay'een warra Yihudootaa fi warra Girikootaa keessaa amantoota ta'an. 2Yihudoonni warri dubbichatti hin amanne garuu namoota warra saba Waaqayyoo hin ta'initti yaada hamaa galchanii obboloota irratti kaasan. 3Utuma ta'uu iyyuu, ergamoonni yeroo dheeraadhaaf achi taa'anii, ija jabummaadhaan gooftaa Yesuusiin lallaban; gooftaan milikkinnii fi dinqiin adda addaa karaa isaanii akka raawwatamu gochuu isaatiin dubbii ayyaana isaatiif dhugaa ba'e. 4Namoonni mandarichaa garuu wal hiran; kaan gara Yihudootaa, kaan immoo gara ergamootaa goran. 5Yommus warri saba Waaqayyoo hin ta'inii fi warri Yihduootaa, warra biyya bulchanii wajjin ergamoota sana loluudhaaf dhagaadhaanis rukutuudhaaf qophaa'an. 6Ergamoonni garuu kana yommuu baran mandaroota kutaa biyya Liqaa'oniyaa Lisxiraadhaa fi Derbeetti biyya naannoo isaa jiruttis baqatanii. 7Achittis wangeela lallabaa turan.**

**14:1 "Iqoniiyumittis"** Kitaabni biyya lammaffaa kan *The Acts of Paul and Thekla* jedhamuu fi hojii Phaawuloos iqoniiyum keessatti hojjete dubbatu jira. Waa'ee qaama Phaawuloos irratti wanti hamma ammaatti galmeeffame kitaaba kana irra kan jiru qofa ta'uu danda'a: Kunis, gabarabara, Moluu, miilbattee, nyaara bay'ee fi ija gurguddaa ta'uu isaa kan ibsudha. Kitaabni Kan akka Macaafa Qulqulluutti kan barreeffame ta'uu baratuyyuu, dhiibbara Phaawuloos kutaa Asiyaa xinnittii kana keessatti qabu kan calaqqisiisudha. Naannoon kun baray'inaan bulchiinsa Roomaa ishee Galaatiyaa keessa kan jiru ture.

▣ **"mana sagadaa warra Yihudootaatti lixanii"** Kun wanta Phaawuloosii fi Bararnaabaras yeroo hundaa godhan ture. Yihudoonnii fi Giriikonni warra dhaga'an kun raajiiwwanii fi kakuuwwan Kakuu Moofaa beekuu dadna'u.

▣ **"namoonni baray'een warra Yihudootaa fi warra Girikootaa keessaa amantoota ta'an"** Gaaleen kun kaayyoo ergamootaa kan agarsiisudha. Wangeelli namoota garaa garaa biratti ariitiidhaan babal'achaa jira. Wanti Kakuu Moofaa keessatti sanyii namaa hundumaaf kakatame (Uma. 3:15; 12:3) amma raawwatamaa jira.

Barreeffamooni guduunfaa kan waldaan ariitiidhaan guddachuu ishee wajjin wal qaban kun wanta Macaafni Hojii Ergamootaa ittiin beekamudha.

**14:2 "Yihudonni warri dubbichatti hin amanne"** Fayyinni "amanuu"dhaan ibsama (cf. Lakk 1), jaamummaan hafuuraa immoo "abboomamuu diduu" yookiin "amanuu diduu" dhaan ibsama. Wangeelatti amanuu diduu jaamaa fi nama badiisaa nama godha!

Luqaas, Yihudonni amanuu diduu fi warra amanan immoo ari'achuu isaanii galmeesseera. Isaan amanuu diduu isaaniitu warra saba Waaqayyoo hin ta'iniif balbala amantii bane (cf. Rom. 9-11).

▣ **"irratti kaasan"** Kun Macaafa Quqlulluu isa afaan Giriikii keessatti jecha beekamaa kan fincila ibsudha (cf. 1Sam. 3:12; 22:8; 2Sam. 18:31; 22:49; 1Sena. 5:26), Kakuu Haaraa keessatti garuu Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti qofa argina (HoE 13:50 fi 14:2).

▣ **"yaada hamaa"** Kun jecha biraa Macaafa Qulqulluu isa afaan Giriikii keessa jiru yommuu ta'u, namoota wanta hamaa hojjetanii fi namoota kaanitti haala hin barbarachifneen dhi'aatan kan ibsudha. Luqaas Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti jecha kana yeroo baray'ee fayyadama (cf. 7:6,19; 12:1; 14:2; 18:10).

**14:3** Waaqayyo naannoo haaraa kana keessatti ayyaana qabeessummaa isaa fi wangelli Yesuus Kiristoos dhugaa ta'uu isaa hubachiisuudhaaf dinqii garaagaraa fayyadamaa ture (cf. 4:29-30; Hib. 2:4).

**14:4 "namoonni mandarichaa garuu wal hiran"** Dubbiin dhugaan yeroo hundumaa wal-hiruu fida (cf. 17;4-5; 19:9; 28:24; Mat. 10:34-36). Yihudoonni mana sagadaa keessa jiran tokko tokko ni amanan, warri kaan garuu wangeelicha fudhachuu didan.

▣ **"gara ergamootaa goran"** Kun Phaawuloosii fi Bararnaabarasiin kan agarsiisudha. Luqaas warra kudha lamaan sana irraan kan hafe, nama biraa kamiyyuu agarsiisuudhaaf jecha kana kan inni fayyadamee boqonnaa kana (kunis, 14:4 fi 14) keessatti qofadha. Bararnaabaras ergamaa jedhama (cf. Lakk 14). Kun 1Qor. 9:5-6 keessattis kan mul'atudha. Kun warra kudha lamaan sana caalaatti jecha "ergamaa" jedhuuf hiikaa bal'aa kan kennuudha. Yaaqoob, inni gar-tokkoon obboleessa Yesuus ture, Gal. 1:19 keessatti ergamaa jedhameera; 1Tas. 1:1 fi 2:6 keessatti Silmaanosii fi Ximootewos ergamoota jedhamaniiru; Rom. 16:6-7 keessatti Andronikosii fi Yuniyaas (KJV, keessatti Yuniyaa), ergamoota jedhamaniiru; akkasumas 1Qor. 4:6-9 keessatti apholos ergamaa jedhameera.

Ergamoonni warri kudha lamaan adda turan. Erga isaan du'anii eenyu illee isaan bakka hin buune (Maatiyaas irraa kan hafe) (cf. HoE 1). Haata'u malee kennaan ergamoota ta'uu itti fufees akka jiru, 1Qor. 12:28 fi cf. 4:11 keessatti ni argina. Kakuu Haaraan hojii kennaan hojjetamu irratti odeeffannoo ga'aa hin kennu.

**MATA DUREE ADDAA: ERGUU (*APOSTELLOŌ)***

Kun jecha beekamaa afaan Giriikii keessatti itti dhimma ba'amuudha, tajaajila tiiyoolojii hedduudhaafis oolaa jira jechi 'erguu' jedhu kun.

1. Barsiisichi akka nama waajjira tokko bakka biraatti eerguuf itti dhimma baheera, karaa biraatiin isa afaan Ingiliffaatiin 'aanbaasaadara' jedhamee beekamuuti.
2. Yesuus Abbaa isaatiin eergamuu ibsuuf jecha wangeellii yeroo mara itti fayyadama. Jecha Yohaannis keessatti miira messihummaa of keessaa qaba. Matt. 10:40, 15:24; Mar. 9:37; Luq. 9:48 keessattuu Yoha. 4:34, 5:24,30,36,37,38; 6:29,38,39,40,57; 7:29; 8:42; 10:36, 11:42: 17:3,8,18,21,23,25; 20:21). Akkasumas Yesuus bartoota isaa wayita erguus hojii irra ooleera (Yoh. 17:18; 20:21).
3. Kakuu Haaraa warren Bartootaaf itti dhimma baheera.
   a) Warreen jalqabaa bartoota kudha lamaan (Luq. 6:13, HoE 1:21-22)
   b) Garee warren eergamoota gargaaraa turani
      (1) Barnaabaas (HoE 14:4,14)
      (2) Andiroonikas fi Juuniyaas (Rom. 16:7)
      (3) Apooloosii (1Qor. 4:6-9)
      (4) Yaaqoob obboleessa Gooftaa (Gal. 1:19)
      (5) Siilvaanuusii fi Ximooteewoos (1Tes. 2:6)
      (6) Tiitoo (2Qor. 8:23)
      (7) Eephaafiiroodii (Fil. 2:25)
   c) Kennaa walitti fufinsa waldaaf kennamuu (1Qor. 12:28-29, Efe. 4:11)
4. Mata duree kana Phaawuloos ofii isaatiif dhimma itti ba'eera, xalayaa isaa wayita jaraaf barreessuu, Kiristoos taayitaa inni kenneefitti fayyadamuuf (Rom. 1:1; 1Qor. 1:1, 2Qor. 1:1; Gal. 1:1; Efe. 1:1; Qol. 1:1, 1Xim. 1:1, 2Xim. 1:1, Tit 1:1.

**14:5 "warra biyya bulchanii wajjin"** Kun bulchitoota magaalittii ookiin immoo bulchiitoota mana sagadaa kan ibsu ta'uu danda'a. Barreeffamonni durii fi namoonni Macaafa Quqlulluu hikan warri bara ari'atamni lama ta'uu isaa hubachiisu, (1) lakk 2 fi (2) lakk 5 akka hiika galumsaatti garuu tokko duwwaadha.

▣

**NASB, NRSV,**
**TEV** **"haala hin taaneen itti dhihaachuu"**
**NKJV** **"miidhuu"**
**NJB** **"rukuttaa raawwachuu"**

Jechi Giriikii *hubrizō* jedhu, "haala hin taaneen itti dhihaachuu" kan jedhu caalaattaa cimaadha, kuni tarii "fincila geggeessuu" yookiin "goolii uumuu" jechuu ta'a. Jechi kun Macaafa Qulqulluu isa afaan Giriikii keessatti baray'ee waan baramaadha. Luqaas yeroo baray'ee jecha kana haala sadiin fayyadama.

1. Arrabsoo, 11:45
2. Hojii Goolii, Luq. 18:32; HoE 14:5
3. Qabeenya dhabuu, HoE 27:10,21

▣ **"dhagaadhaanis rukutuudhaaf"** Jechi lammaffaan kun, wari mormitoonni kun warra amanan miidhuudhaaf hammam goolii uumaa akka isaan turan kan agarsiisudha. Tarii Yihudoonni kun kan isaan karaa kana filatan, Kakuu Moofaa keessatti namni Waaqayyoon arrabse akka kana haa ta'u isa jedhuu wajjin wal-qabsiisanii ta'uu danda'a.

**14:6 "mandaroota kutaa biyya Liqaa'oniyaa Lisxiraadhaa fi Derbeetti biyya naannoo isaa jiruttis baqatanii"** Iquniyuum, firiigiyaa keessatti argamti turte. Isheen naannoo daangaa saboota gosa addaa addaatti dhi'oo ture. Wanti kun akkaataa kanaan gadi fageenyaan ibsamuun isaa, seenaa qabeessummaa Macaafa Hojii Ergamootaa mul'isa.

**14:7** XUMURRI kun GOCHA XUMURAME kan agarsiisu yommuu ta'u, ammaa amma irra deddeebi'uudhaan lallabara turan jechuudha. Kun Ergaa (dhaamsa) deemsa Phaawuloos hojii wangeelaatiif adeemeeti (cf. 14:21; 16;10). Warra isa irraa dhaga'anii Kiristoositti amananittis, wangeelicha warra kaan biraan ga'uudhaaf itti gaafatamummaan itti dhaga'ama ture. Kun wanta dursa argachuu qabu ture/dhas (cf. Mat. 28:19-20; Luq. 24:47; HoE 1:8)!

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 14:8-18**

**8 Mandara Lisxiraa keessa namni naafti tokko ture. Namichi kun miilli isaa lawwaasa'aa waan tureef, dhalachuu isaatii jalqabee takkaa hin adeemne. 9 Inni achi ciisee waan Phaawuloos jedhu dhaggeeffachaa ture; yommus Phaawuloos ija isaa keessa ilaalee, fayyifamuudhaaf amantii akka inni qabu arge. 10 Achumaanis sagalee guddaadhaan, "ka'ii qajeelii, miilla keetiin dhaabadhu!" jedheen, namichi utaalee ka'ee asii fi achi adeeme. 11 Namoonni baay'atanii achi turan waan Phaawuloos hojjete yommu argan, sagalee isaanii ol fudhatanii afaan Liqaa'oniyaatiin, "Waaqayyooliin namoota fakkaatanii gaa keenyatti gad bu'aniiru" jedhanii dubbata. 12 Baarnaabaasiin "Zeos" jedhan, Phaawulosiin immoo kan dubbate isa waan tureef, akka ergamaa Waaqayyoolii isaanitti "Hermees" jedhanii moggaasan. 13Lubni, galma zeos isa mandaricha duubaa keessaa hojjetu tuutunootaa fi daraaraa battee dha'ame gara kellaa mandarichaatti fide; lubichi jara achi turanii wajjin ergamoota sanaaf aarsaa dhi'eessuu barbaade. 14 Ergamoonni sun Baarnaabaasii fi Phaawuloos waa'ee kanaa yommuu dhaga'an wayyaa isaanii tarsaasanii fiigichaan tuuta jara sanaa keessa lixanii itti iyyan. 15 "jara nana, inni isin hojjettan kun maali? Nuyi Waaqayyoolii miti, akkuma keessan nama. Wanta waa'ee hin baafne Waaqessuutii gara Waaqayyo isa jriaataatti akka deebitaniif dubbii gammachiisaa isiniitti ni himna; Waaqayyo inni jiraataan Waaqichaa fi laficha, galaanicha, isaan kana keessa kan jiraatan hundumaas uumeera. 16 Bara dhaloota darbaniitti sabni biyya lafaa irraa hundinuu karaa isaanii haa adeemaniif isaan dhiise. 17 Haa ta'u iyyuu malee, Waaqa irraa bokkaa isaaniif roobsee, ija midhaaniis yeroo isaatti guuttachiise. Soora isiniif kennee garaa keessanis gammachuudhaan guute; waan gaarii kana hundumaa gochuu isaatiinis gooftummaa isaa mul'iseera" jedhaniin. 18 Kana hundumaa irratti iyyuu ergamoonni rakkina baay'eedhaan aarsaa akka isaaniif hin dhi'eessine jara dhowwan.**

**14:8 "mandara Liisxiraa"** magaalaan kun iddoo mana Ximootewoos turte (cf. 16:1). Kun kolonii Roomaa kan Dh.K.B bara 6tti Awugustasiin hundooftedha. Tarii iddoo kana manni sagadaa hin jiru ta'a, kanaaf Phaawuloosii fi Bararnaabaras karaa irratti lallaban.

▣ Carraan ittiin gowwoomsuun danda'amu hin turre (cf. 3:2). Haala namicha kanaa kan ibsan gaalewwan sadiitu jira.

▣ **"Lawwaasa'aa"** Jechi aduutos jedhu yeroo baray'ee "kan hin danda'amne" yookiin salphaatti 'dadhabuu" jechuudha (cf. Luq. 18:27; Hib. 6:4,18; 10;4; 11:6), garuu Luqaas iddoo kanatti, akka barreessitoota fayyaatti haala dadhabina agarsiisuun itti fayyadamee (cf. Rom. 8:3; 15:1).

Luqaas karaa baray'ee tajaajilaa Pheexiroosii fi Phaawuloos fakkaachuun isaa waan namatti tokudha. Pheexiroosii fi Yohaannis 3:1-10 keessatti nama naafa fayyisaniiru, amma Phaawuloosii fi Bararnaabarasis akkasuma godhan.

**14:9 "yommus, Phaawuloos ija isaa keessa ilaalee"** Luqaas gaalee kana yeroo baray'ee fayyadama (cf. 3;4; 10;4). Barreeffama 1:10 irra jiru ilaali. Phaawuloos, namichi kun xiyyeeffannaadhana dhaggeeffachaa jiraachuu isaa arge. Kanaafuu, inni akka namichichi ka'ee adeemuuf isa abboome (cf. Lakk 10), innis ka'ee ni adeeme!

▣ **"fayyifamuudhaaf amantii akka inni qabu"** Kun jecha haala Kakuu Moofaatti "fayyuu" jedhu kan fayyina qaama agarsiisu haala ibsuun kan fayyadameedha. Fayyisuun Phaawuloos, amantii namichaa irratti hundaa'uu isaa hubadhu. Kun yeroo baray'ee, Kakuu Haaraa keessatti wanta mul'atudha (cf. Luq 5:20; Yoh. 5:5-9) Kakuu Moofaa keessattis akkasumas. Dinqiin mul'achuun hojii baray'ee qaba: (1) jaalala Waaqayyoo mul'isuuf; (2) humnaa fi dhugaa wangeelichaa mul'isuuf; yookiin (3) amantoota warra kaan leenjisuu fi jajjabeessuufidha.

**14:11 "afaan Liqaa'oniyaatiin"** Phaawuloosii fi Bararnaabaras, waan namoonni sun jechaa turan hubachuu dhabuun isaanii waan mul'ataadha. Kun afaan naannoo sanaa ture.

**14:12 "Barnaabaasiin "zeos" jedhan, Phaawuloosiin immoo kan dubbate isa waan tureef... "Hermees" jedhanii moggaasan"** aadaan daddarbaran, waaqoliin Giriikii yeroo baray'ee bifa namaatiin namootatti akka mul'atan hubachiisa (cf. Ovid, *Metamorphoses* 8:626ff). Barreeffamoota naannoo sanaa irraa, naannoon sun naannoo Zeoosii fi Hermees itti waaqeeffaman ta'uu isaa baranna (cf. Lakk 13).

Bararnaabaras dura maqaa dhahamuu isaa hubadhu. Kun tarii Phaawuloos, sababii dubbateef, warra Waaqayyoon hin beekne kanaan, akka Hermeesitti (meerkurii); Bararnaabaras inni callisaan immoo Waaqa guddicha Zeos (Juppitaar) akka waan ta'eetti waan ilaalameef ta'uu danda'a.

**14:13 "galma"** Kun magaalicha kan agarsiisu ta'uu danda'a, yookiin immoo irra caalaatti, mana qulqullummaa Juppitar (zeos) isa balbala mandarichaatti gara alaatiin itti maxxanee jiru kan agarsiisu ta'uu danda'a. Kun yeroo walii wallaaluu fi hubannaa dhabuu guddaan itti mul'ate ture.

**14:14 "ergamoonni"** Barreeffama 14:4 irra jiru ilaali.

▣ **"wayyaa isaanii tarsaasanii"** Kun mallattoo Yihduoonni maqaan Waaqayyoo ulfina dhabuu isaatiif gadda isaanii ittiin mul'isanidha (cf. Mat. 26:65; Marq. 14:63). Kun warra Waaqayyoon hin beekne kanatti iyyuu, rakkoon ta'e tokko akka jiru agarsiisuun isaa waan hin oolledha.

▣ **"fiigichaan"** kun Macaafa Qulqulluu afaan Giriikii keessatti jecha beekamaa, kan "fiiguu" agarsiisu yommuu ta'u, Kakuu Haaraa keessatti garuu iddoo kanatti qofa argama. Phaawuloosii fi Bararnaabaras tuuta jaraa gidduu asii fi achi fiigan.

**14:15-17** Asitti guduunfaa lallaba Phaawuloos warra saba Waaqayyo hin ta'initti lallabee argina. Kun lallaba inni gaara Aariyophaagos irratti lallabee wajjin baray'ee wal fakkaata (cf. 17:22-23).

**14:15**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"namootuma uumama akka keessanii"** |
| **NRSV** | **"nu'i akkuma keessan warra du'ee tortorudha"** |
| **TEV** | **"nu'i mataan keenya akkuma keessan namoota** |
| **NJB** | **"nu'i akkuma keessan, namoota warra tortoranidha"** |

Jechi kun homoiopathis, yommuu ta'u, "wanta tokko ta'e" fi "miira cimaa" jechoota agarsiisan irraa kan uumamedha. Jarri sun Phaawuloosii fi Bararnaabaras waaqoliidha jedhanii yaadan (*homoiōthenes*, cf. Lakk 11), kun immoo "akka" namaa kan ta'an jechuudha. Phaawuloos isaanii wajjin nama gosa tokkoo ta'uu isaa agarsiisuudhaaf hidda wal fakkaataa fayyadama. Jechi kun Kakuu Haaraa keessatti iddoo kanaa fi Yaaqob 5:17 keessatti qofa argama.

▣ **"wanta waa'ee hin barafne waaqessuutti gara Waaqayyo isa jiraataatti akka deebitan"** Luqaas Heroodis Anxiphaas isa 20:20-23 keessaa wajjin wal bira qabuudhaan ilaalcha gadi aanaa isaan wanta kanaaf qaban agarsiisa. Jechi wanta waa'ee hin barafne jedhu, duwwaa, qullaa, yookiin wanta hin jirre jechuudha. Phaawuloos, akka isaan Waaqayyoon isa jiraataa hin beekne kallattiidhaan isaanitti himaa jira.

▣ **"Waaqayyo isa jiraataatti"** Kun jecha YHWH jedhu kan agarsiisu yommuu ta'u, jecha Ibraayisxii kan "Jiraachuu" jedhu irraa kan dhufedha (cf. Ba'u 3:14). YHWH'n Waaqa isa bara baraan jriaatudha, Isa duwwaatu jiraataadhas.

▣ **"uumeera"** Kun Ba'u 20:11 yookiin Far. 146:6 irraa kan waraabamedha. Jechi Ibraayisxii elohim (cf. Uma. 1:1) jedhu Waaqayyo uumaa fi burqaa kennaa hundumaa (cf. *The Expositors Bible Commentary*, hidha. 1, fuula

468-469) ta'uu isaa kan ibsu yommuu ta'u, jechi YHWH jedhu immoo Waaqayyo fayyisaa, Waaqa dhiifamaa (cf. *The Expositor's Bible commentary*, Vol. 1 fuula 471-472) fi Waaqa Kakuu dhaabu ta'uu isaa kan ibsudha.

**14:16 "bara dhaloota darbaniitti sabni biyya lafaa irraa hundinuu karaa isaanii haa adeemaniif isaan dhiise"** Gaaleen kun Kess. 32:7-8 isa Museen YHWH'n daangaa sabootaa hundeessuu isaa keessatti dubbatu na yaadachiisa. Kun, akka ti'ooloojiitti, eegumsaa fi dhimmamuu Waaqayyo sabootaaf (Ormootaaf, cf. Girdlestone, *Synonyms of the Old Testament*, fuula 258-259) qabu kan mirkaneessuudha. Waaqayyo akka isaan Isa beekan barbarade, garuu cubbamoota ta'uun isaaniin akka isaan Waaayyoon wal'aalanii jiraatan isaan godhe (cf. Rom 1:18-2:29). Haa ta'u malee. Inni isaan barbaradu isaa ittima fufe (cf. lakk 17).

Ormoonni Waaqayyoon wal'aaluun isaanii, Yihudoonni Waaqayyoon beekuu isaanii wajjin wal bira qabamee kan ilaalamudha. Dhoksaan kanaa, Ormoonni baray'inaan amantiidhaan wangeelatti yommuu amanan, Yihudoonni immoo wal-duukaa baray'atanii wangeela fudhachuu diduu fi ari'achuu isaaniiti (cf. Rom. 9:11).

**14:17 "gooftummaa isaa mul'iseera"** Kun mul'ata uumamaa kan mul'isudha (cf. Far. 19:1-6; Rom. 1:19-20; 2:14-15). Dhalli namaa hndumtuu ragaa miiraa ofii, akkasumas uumama irraa ka'uudhaan Waaqayyoon ni beeka.

"bokkaa…ija midhaaniis" akka aadaa warra Waaqayyoon hin beeknetti, zeos bokkaa kan kennu yommuu ta'u, Hermees immoo nyaata kan kennudha jedhama. Phaawuloos, Kees. 27:29 irraa ka'uudhaan, midhaan irratti aboon kan Waaqayyoo duwwaa ta'uu isaa mirkaneessa.

Ormoonni kun Waaqayyoon hin beekne, kanaafuu dheekkamsi Waaqayyoo inni seera keessa deebii keessaa, obsa Waaqayyoottiin bakka bu'e (cf. HoE 17:30; Rom. 3:25; 4:15; 5:13). Phaawuloos saboota bira ga'uudhaaf filannoo Waaqayyoo isa addaa ture (ergamaa gara warra Ormoota)! Phaawuloos uumama Waaqayyoo fi kennaa inni uumamaan kenne xuqaa dubbii isaatii godhatee fayyadamaa ture (cf. Far. 145:15-16; 147:8; Erm. 5:24; Yoonaas 1:9).

Lallabni kun kan namatti toludha. Phaawuloos akkuma Ateenaatti lallabeetti (HoE 17:16-34) lallabuu isaa itti fufe jechuun ni danda'ama. Luqaas kana kan inni argate Phaawuloos irraa yookiin immoo tarii Ximootewoos (kun iddoo mana isaatii ture) irraa ta'uun isaa kan nama dinqudha.

**14:18** Kun ragaa ijaa irraa kan argamudha.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 14:19-23**

**[19]Gaafas Yihudoonni mandaroota Anxokiyaatii fi Iqoniiyumii dhufan tokko tuuta jaraa sana sossobanii, Phaawulosin dhagaadhaan rukutan; du'eera se'aniis mandaricha keessaa gad gototan. [20]Amantoonni garuu dhufanii isatti naanna'anii dhaabannaan Phaawuloos lafaa ka'ee mandaratti ol deebi'e; borumtaa immoo Baarnaabaasii wajjin mandara Derbee dhaqe. [21]Phaawuloosii fi Baarnaabaas mandara Derbeetti wangeela lallabanii, namoota baay'ee amantoota godhan; kan booddees mandaroota Lisxiraatii fi Qioniiyumitti Anxokiyaa isa biyya Phisiidiyaattis deebi'an. [22]Isaan yaada amantootaa jajjabeessanii, amantii isaanitti akka cimaniif gorsa; "Gidiraa baay'ee keessa darbuudhana mootummaa Waaqayyootti galuun nuuf ni ta'a" jedhaniin. [23]Ergamoonni tokkoon tokkoon waldaa sanaaf jaarsolii fo'an; soomanii erga kadhatanii booddee, amantoota sana hundumaa harka gooftaa isa isaan itti amananiitti hadaraa kennan.**

**14:19** Mormitoonni Yihudootaa warra magaalota Phaawulos keessatti lallabara ture keessa jiran isa miidhuudhaaf waliigalan. Rukuttaan sun Bararnaabarasirrattu utuu hin ta'in Phaawuloos irratti kan xiyyeeffate ta'uu isaa hubadhu. Jarri hin amanne kun kan hin amanamne ta'uu isaaniis hubadhee. Phaawuloosii fi Bararnaabaras yeroo tokko akka waaqoliitti kabajamanii turan yeroo itti aanutti immoo dhagaadhaan rukutaman!

▣ **"Phaawuloosiin dhagaadhaan rukutan"** Kun dinqii namni of wallaale of baruu utuu hin ta'in, ciminaa qaamaa fi gootummaa Phaawuloos kan agarsiisudha (cf. lakk. 20-21). 2Qoronxoos 11:25 fi Galaatiyaa 6:17 keessatti ta'ii kana ni argina. Dhagaadhaan rukutamuun inni lakk 5 keessati karoorfame amma hojiitti hiikame!

**14:20 “amantoonni garuu dhufanii isatti naanna’anii dhaabannaan”** addatti ibsamuudhaa yoo barate iyyuu, kun walitti qabama kadhannaa kan Waaqayyo haala dinqisiisaadhaan deebii ta’eef natti fakkaata. Ari’atamni karaa wangeelli ittiin babal’atu ta’ee itti fufuu isaa hubadhu (kunis, magaalaa haaraa).

**14:21 “mandara Derbeetti wangeela lallabanii…kana booddees”** Kun Derbee kan agarsiisuudha (cf. lakk 20). Magaalaan kunis qaama Liqaaniyaanii isa Bulchiinsa Roomaa ishee Galaatiyaa keessa turte. Phaawuloosii fi Bararnaabaras hojii wangeelaatiif gara bahaatti hamma magaalaa kanaatti adeeman.

Magaalaa kana keessattis haala nama dinqisiisuun namoonni baay’een wangeelatti amanan.

▣ **“mandaroota hisxiraatiifi Iqomiiyumitti Anxokiyaa isa biyya Phisiidiyaattis deebi’an”** Yeroo deebi’an kanatti mul’inatti lallabuu isaanii wanti ibsu hin jiru, garuu dhuunfaa dhuunfaatti amantoota gurmeessaa fi jajjabeessaa turan (lakk. 22-23).

**14:22** Lakkoofsi kun guduunfaa ergaa Phaawuloosi. Kun kan inni xiyyeeffatu: (1) Jajjabinaa fi (2) gidiraa irratti ta’uu isaa hubadhu, amantoonni gidiraa keessa darbuutti bilchaatoodha (cf. Rom 5:3-4; 8:17-18; 1Tas. 3:3; 2Xim. 3:12; Yaq. 1:2-4; 1Phex. 4:12-16).

▣ **“jajjabeessanii”** Jechi kun Macaafa Qulqulluu isa afaan Giriikii keessatti yeroo baay’ee “akka boqotan gochuu” yookiin “hundaa’uu” agarsiisuuf fayyada. Luqaas yeroo baay’ee hordoffii Phaawuloos amantootaaf godhu agarsiisuuf jecha kana fayyadama (cf. 14:22; 15:32,41; 18:23).

▣ **“yaada amantootaa”** Jechi yaada jedhu nama yookiin yaada sammuu isaanii kan agarsiisudha. Kun akkaataa Giriikii isa lubbuu ishee hin tortorre agarsiisu utuu hin ta’in, akkaataa Ibraayisxii isa namummaa agarsiisudha.

▣ **“amantii isaaniitti akka cimaniif gorsan”** Mata duree addaa kanatti fufee jiru kan kaayyoo ofii Galmaan ga’uuf jabarachuu jedhu ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: BARBAACHISUMMAA KAAYYOO OFII GALMAAN GA’UUF JABAACHUU**

Doktiriinota jireenya kiristiyaanaa Macaafa Qulqulluu irratti hundaa’an ibsuun ni ulfaata sababni isaas, kan isaan dhiyaatan haala looga gara bahaa garaa garaa lamaan waan ta’eefidha. Wantoonni kun lamaan kan wal mormaniidha, garuu lamaanuu Macaafa Qulqulluu irratti kan hudnaa’anidha. Kiristiyaanonni warri gara lixaa dhugaa isa tokko filatanii dhgaa isa kan biraa immoo fudhachuu diduu fo’atan. Kana armaan gaditti nan ibsa.

1. Fayyinni jalqabaatti Yesuus Kiristoos amanuudhaaf murteessuudha moo bara ofii guutuu isa duukaa bu’uutti dhimmuudha?
2. Fayyinni fo’amuu ayyaana Waaqayyo isa hundumaa danda’uutiin aramudha moo kan dhalli namaa mamicha hafuura irraa ka’uudhaan amanee qalbii jijjiirratudha?
3. Fayyinni wanta erga takkaa argatanii deebi’anii dhabuun hin danda’amnedha moo wanta itti fufiinsaa argachuun barbaachisudha?

Waa’een gidiraa keessatti jabaachuu seenaa waldaa kiristiyaanaa keessatti wanta mormisiisaadha, Rakkichi kan inni eegalu barreeffamoota Kakuu Haaraa kanneen mormisiisoo fakkaatan irraati:

1. Barreeffamoota waa’ee waabdii
   a. Jechoota Yesuus (Yoh. 6:37; 10:28-29)
   b. Jechoota Phaawuloos (Rom. 8:35-39; Efe. 1:13; 2:5,8-9; Fil. 1:6; 2:13; 2Tas. 3:3; 2Xim. 1:12; 4;18).
   c. Jechoota Pheexiroos (1Phex. 1:4-5)
2. Barreeffamoota waa’ee gidiraa keessatti jabaachuu

a. Jechoota Yesuus (Mat. 10:22; 13:1-9,24-30; 24:13; Marq. 13:13; Yoh. 8:31; 15:4-10; Mul. 2:7,17,20; 3:5,12,21).
b. Jechoota Phaawuloos (Rom. 11:22; 1Qor. 15:2; 2Qor. 13:5; Gal. 1:6; 3:4; 5:4; 6:9; Fil. 2:12; 3:18-20; Qol. 1:23).
c. Jechoota barreessaa ergaa Hibrootaa (2:1; 3:6,14; 4:14; 6:11)
d. Jechoota Yohaannis (1Yoh. 2:6; 2Yoha. 9)
e. Jecha Abbaa (Mul. 21:7)

Akka Macaafa Qulqulluutti, fayyuudhaaf jaalala, araaraa fi ayyaana Waaqayyo sadan tokkummaa isa hundumaa danda'uu barbaachisa. Hafuurichi yoo isa gargaare malee eenyu illee fayyuu hin danda'u (cf. Yoha. 6:44,65). Waaqayyo jalqaba dhufee karoora lafa kaa'a, garuu namni jalqabatti akkasumas itti fufiinsaan amanuu fi qalbii jijjiirrachuu qaba. Waaqayyo ilmaan namaa wajjin walitti dhufeenya kakuutiin hojjeta. Kun mirga addaa akkasumas itti gaafatamummaa of keessaa qaba!

Fayyinni nama hundumaaf kennameera, Du'uun Yesuus, cubbuu fi kufaatii ilmaan namaa irraan kan ka'edha. Waaqayyo namni hundinuu karaa Kiristoos Yesuusiin akka fayyu barbaada, kanaafis karaa qopheesseera.

Waa'ee kanaa irratti akkaataa ilaalcha Kaalviiniin allatti wantoota jiran dubbisuu yoo barbaadde kanneen armaan gadii dubbisi.

1. Dale Moody, *The Word of Truth*, Eerdmans, 1981 (fuula 348-365)
2. Howard marshall, *Kept by the Power of God*, Bethany Fellowship, 1969
3. Robert Shank, *Life in the son*, West cott, 1961

Macaafni Qulqulluun waa'ee kanaa irratti rakkoowwan garaagaraa lama dubbata: (1) akka jireenya ija hin qabne jiraatanii fi jireenya ofittummaa jiraataniif akka hayyamaatti mirakneeffannoo argachuu fi (2) warra tajaajilaa fi cubbuu dhuunfaa wajjin wal'aansoo qaban jajjabeessuu. Rakkichi, gareen warri dogoggoraa fudhatanii, barreeffamoota Macaafa Qulqulluu muraasa irratti hundaa'uudhaan sirna ti'ooloojii ijaaruu isaaniiti. Kiristiyaanonni took tokko ergaa mirkaneeffannoo (abdii) barbaadu, warri kaan immoo akeekkachiisa barbaadu! Ati garee isa kam keessa jirta?

▣ **"Mootummaa Waaqayyootti"** Kun gaalee hikuudhaaf ulfaataa ta'edha. Yesuus yeroo baay'ee tajaajila ofii isaatii wajjin walqabsiisuudhaan itti fayydama. Haa ta'u malee ergamoonni barbarachisummaa isaa haala hin taaneen hubachuun isaanii ifaadha (cf. 1:3,6). Hojii Ergamootaa keessatti, wangeelaa wajjin hiika wal fakkaata qaba jechuun ni danda'ama (cf. 8;12; 19:8; 20:25; 28:23,31). Haa ta'u malee, 14:22 keessatti wanta dhuma biyya lafaa booddee ta'u kan agarsiisudha. Barri kun kan inni ittiin beekamu muddama yaadota "dhufeera" (cf. Mat. 12:28; Luq. 16:16) fi "kana booddee dhufa" (cf. Mat. 24:14,30,36-37; 25:30,31; 2Phex. 1:11) jedhan gidduu jiruunidha. Mata duree addaa 2:17 irra jiru ilaali. Mootumichi Yesuus Kiristoos keessaan dhufeera (kunis dhufaatii isa tokkoffaa), garuu xumurri isaa gara fuulduraatti kan ta'udha (kunis, dhufaatii isa lammaffaa).

**14:23 "jaarsolii fo'an"** Jechi "jaarsolii" (*presbuteros*) jedhu, jecha "abunii" (*episkopos*) jedhuu fi jecha "paastaroota" jedhuu wajjin hiika wal fakkaataa qaba (Kakuu Haaraa keessatti) (cf. HoE 20:17,28 fi Titos 1:5-7). Jechi "jaarsolii" jedhu Yihudootaa wajjin kan walqabatedha (cf. Girdlestone, *synonyms of the Old Testament*, fuula 244-246 fi Frank Stagg, *New Testament Theology*, fuula 262-264), jechi "abunii" jedhu immoo motummoota waldaa lama qofaatu jira: paastarootaa fi diyaaqonoota (cf. Fil. 1:1).

Jechi "filuu" jedhu "harka barasuudhaan filuu" jechuu ta'uu danda'a (cf. 2Qor. 8:19 fi Loum and Nida, *Greek English Lexicon*, fuula 363, 484). Jechi kun booddee abboota waldaa duriittiin "muuduu" ta'uu fayyadeera. Dhimmi inni dhugaan (murteessaan) akkamitti "sagaleedhaan filuun" yaada kana wajjin wal fudhata? Kan jedhudha. Waldoota haaraa kana keessatti sagalee lachuun wanta hin barbarachifne fakkaata (waldaan Yerusaalem HoE 6 keessatti warra torban sanaaf sagalee laachuu isaanii fi HoE 15 keessatti waldaan tajaajila Phaawuloos warra Ormootaaf godhu mirakneessuuf sagalee laachuu isaanii akkuma jirutti ta'ee).

F.F.Bruce, *Answers to Questions*, fuula 79 irratti, "jalqabatti filuun harka mul'isuudhaan (harka barasuudhaan) kan raawwatamu yommuu ta'u, Kakuu haaraa keessatti kun hafuudhaan akkaataa kamiin akka

filamu irratti utuu hin hundaa'in 'filuu' agarsiisuu jalqabe" jedha. Kakuu Haaraa keessatti namni tokko jecha kana fayyadamuudhaan tokkummaa waldaa irratti wanta fedhe hojjechuu hin danda'u.

Phaawuloos Ximootewosiin Qareexis irratti "jaarsolii" akka filuuf abboomuu isaa hubadhuu, garuu Efesoon keessatti Phaawuloos Ximootesoosiin waldaan ofii isheetiin ulaagaawwan murtaa'aniin akka namoota filattu abboome (cf. 1Xim. 3). Naannoowwan haaraa ta'anitti geggeessitoonni filatamaa turan, naannoowwan haara ahin ta'initti garuu amalli geggeessummaa carraa waldaadhaan kennamuu fi mirkanaa'uu qaba ture.

Istiraateejiin (malli) Phaawuloos tajaajila isaa keessatti fayyadamaa ture, waldoota ergamaa fi hojii wangeelaa naannoo isaaniitti itti fufuudhaan hojjetan dhaabuu ta'uu isaa hubachu (cf. Mat. 28:19-20). Kun Karaa ittiin Waaqayyo addunyaa hundumaa bira ga'udha (kunis, waldoota naannoo naannoo)!

▣ **"soomanii ega kadhatanii booddee"** Kun beekaa 13:2-3 wajjin kan walfakkaatu ta'uu danda'a. Phaawuloos Anxokiyaatti humnaa fi geggeessaa hafuurichaa argeera. Inni karaa hafuuraa kana itti fufe. Isaan akka Waaqayyo fedha isaa mul'isuuf of qopheessuu qabu turan.

▣ **"isa isaan itti amananiitti"** Kun gocha yeroo darbe keessa xumurame kan agarsiisudha. Jaarsoliin warri haarana kun yeroo murtaa'eef kan amanan yommuu ta'u, amanuun isaanii fi geggeessummaadhaaf ulaagaa barbarachisu guutuun isaanii kan mirkaa'edha.

Haalli seerulgaa (ijaarsi seerlugaa) kan HoE 10:43 irratti arginu amala bareeffamonni Yohaannis qabanidha, garuu barreeffamoota Phaawuloosii fi (cf. Rom. 10:14; Gal. 2:16; Fil. 1:29) kan Pheexiroos (cf. 1Phex. 1:8) keessattis ni argina.

▣ **"harka gooftaa isa isaan itti amananiitti hadaraa kennan"** Kun muuduu kan agarsiisu miti. Xumurumti kun lakk 26 keessatti Phaawuloosii fi Bararnaabarasiin agarsiisuuf kan fayyade yommuu ta'u, 20:3 keessatti immoo warren durumaanuu jaarsolii turan agarsiisuuf fayyadeera. Muuduun dhugaa Waaqayyo namoota gara geggeessummaati waamuu isaatii waan xiyyeeffannoodhaan hubachiisuuf faayidaa kan qabudha. Muuduun amantootaa gidduutti garaagarummaa kan uumu yoo ta'e, negaativii fi Macaafa Qulqulluu irrattis kan hin hundoofne ta'uu isaati. Amantoonni hundinuu tajaajilaaf waamamaniiru. Kennaas argataniiru (cf. Efe. 4:11-12). Kakuu Haaraa keessatti sadarkaadhaan gargar ba'uun hin jiru.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 14:24-28**

**[24]Isaan ergasii kutaa biyya Phisiidiyaa keessa darbanii kutaa biyya Phaamfiiliyaa dhufan,**
**[25]Phergeetti dubbicha lallabanii mandara Ataalii'aatti gad bu'an. [26]Achiis markabaan ka'anii Anxokiyaa**
**biyya Sooriyaatti, hojii amma raawwatan kanaaf iddoo itti ayyaana Waaqayyootti kennamanii baranitti**
**deebi'an. [27]Erga Anxookiyaa ga'anii amantoota Waldaa sanaa walitti waaman; Waaqayyo inni isaanii**
**wajjin ture kan hojjete hundumaa, akkamittis karaa itti warri saba Waaqayyoo hin ta'in amanan, akka**
**isaaniif bane itti himan. [28]Yeroo dheeraas amantootaa waiiin turan.**

**14:24** Baddaan bulchiinsa Phisiidiyaa, Bulchiinsa Phamfiiliyaa kan qarqara Galaanaa irraa gara Kaabaratti kan argamtudha. Phergeen magaalaa guddiitti naannoo sanaa turte. Phaawuloos duraan magaalaa guddiittii naannoo sanaa turte. Phaawuloos duraan magaalaa kana keessa calluma jedhee darbe (cf. 13:13), amma garuu deebi'ee wangeela keessatti lallabe (cf. lakk 25).

**14:25 "Ataali'aatti"** Kun Keyyata galaanaa Phergee turte.

**14:26 "Anxookiyaa biyya Sooriyaatti…deebi'an"** Isaan qophroositti hin deebine. Bararnaabarasi waldhabbii Phaawuloosii wajjin Yohaannis isa Maarqoos jedhamu irratti ka'uun deebi'uuf jira (cf. 15:36-39).

▣ **"Ayyaana Waaqayyootti kennamanii turanitti"** deemsi hojii wangeelaaf adeemame inni jalqabara kun injifannoo guddaan kan itti argame ture.

**14:27 "amantoota waldaa sanaa walitti waaman; Waaqayyo inni isaanii wajjin ture kan hojjete hundumaa, akkamittis karaa itti warri saba Waaqayyoo hin ta'in amanan, akka isaaniif bane itti himan"** Isaan waldaadhaaf itti gaafatamummaa akka qaban hubadhu. Ergamaan warra saba Waaqayyoo hin ta'inii iyyuu waldaadhaaf gabarase. Akkasumas isana isa wanta guddaa ammas ga'u kana fiixaan isaaniif barase hubachuudhaan galateeffatan Waaqayyoon.

Isaan jaarsoliif gabarasa hin dhi'eessine (geggeessitootaaf) (cf. 13:1), garuu tokkummaa amantootaaf, booddees tajaajila isaanii keessatti wanta hojjetan tokkummaa amantootaa Yerusaalemiif (cf. 15:4), akkasumas waldoota karaa sana irra jiran hundumaaf gabarasan (cf. 15:3). Akka ani yaadutti, kan harka irra kaa'ee tajaajila wangeelaaf yeroo isana deeman isaan erge tokkummaa amantootaa sana natti fakkaata.

▣ **"akkamittis karaa itti warri saba Waaqayyoo hin ta'in amanan, akka isaaniif bane"** Phaawuloos gaalee "balbala amantii" jedhu kana yeroo baay'ee fayyadama (cf. 1Qor. 16:9; 2Qor. 2:12; Qol. 4:3; fi Mul. 3:8 ilaali). Waaqayyo dhala namaa hundumaaf balbala eenyu illee cufuu hin dandeenye bane. Wanti jechonni Yesuus kan 1:8 irra iran guutummaatti agarsiisan amma raawwatamaa jira.

## GAAFFILEE MARII

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoo tokkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiraatu.

Gaaffileen marii kun kan isaan dhi'aatan, yaadawwan gurguddoo kutaa Macaafa kanaa keessatti ibsaman keessa deebitee akka si gargaaruufidha. Gaaffileen kun yaada kana kaasan malee ibsa kan irratti kennan miti.

1. Adeemsa Phaawuloos hojii wangeelaatiif adeeme isa duraa haala teessuma Ji'oogiraafiitiin tarreessi.
2. Lallaboota Phaawuloos warra Yihudootaatti akkasumas warra saba Waaqayyoo hin ta'initti lallabe hundumaa tarreessi.
3. Soomiin kiristiyaanota hammayyaa wajjin attamitti wal qabata?
4. Yohaannis inni Maarqoos jedhamu attamitti gartuu tajaajiltootaa sana irraa adda ba'e?

# HOJII ERGAMOOTAA 15

# HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRTTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Walga'ii Yeruusaalem | Walitti bu'insa dhimma kittaanamuu irratti | Dhabamuu walii galtee amantiidhaan fudhatamuu Ormoota 9amantii dhabeeyyii) | Wal-ga'ii Yeruusaalem | Dhabamuu waliigaltee Antosookiyaatti |
| 15:1-5 | 15:1-5 | 15:1-5 | 15:1-2 | 15:1-2 |
| | | | 15:3-5 | 15:3-4 |
| | | | | Dhabamuu waliigaltee Yeruusaalemitti |
| | | | | 15:5-7a |
| | Wal ga'ii Yeruusaalem | | | |
| 15:6-11 | 15:6-21 | 15:6-21 | 15:6-11 | Ergaa Pheexiroos |
| | | | | 15:7b-11 |
| 15:12-21 | | | 15:12-18 | 15:12 |
| | | | | Ergaa Yaayqoob |
| | | | | 15:13-18 |
| | | | 15:19-21 | 15:19-21 |
| Deebii wal-ga'ii | Seera bulchiinsa Yeruusaalem | | Xalayaa gara amantii dhabeeyyi (Ormoota) | Xalayaa duuka buutota |
| 15:22-29 | 15:22-29 | 15:22-29 | 15:22-29 | 15:22-29 |
| | Itti fufiinsa ministeeraa seeriyaatti | | | Bakka bu'insa Antsookiyaattii |
| 15:30-35 | 15:30-35 | 15:30-35 | 15:30-34 | 15:30-35 |
| | | | 15:35 | |
| Addaan bahuu Phaawuloosii fi Baarnaabaas | Addaan bahu Yohaannis Maarqoosirratti | Gargar bahuu karaa misiyoonaa lammaffaa | Addaan bahuu Phaawuloosii fi Baarnaabaas | Addaan bahuu Phaawuloosii fi Baarnaabaas akkasumas filamuu siilaas |
| 15:36-41 | 15:36-41 | 15:36-41 | 15:36-41 | 15:36-38 |
| | | | | 15:39-40 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("Qajeelcha irraa gara dubbisa gaarii kitaaba qulqulluutti" fuula vii irraa)**

*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HORDOFUU*

Kun qajeelcha qayyabannaa, barreeffama, kana jechuunis itti gaafatamaan ibsama hiikaa Macaafa Qulqulluu suma ata akee ta'uu agarsiisudha. Eenyu keenya iyyuu bisaa mataa keenyaatiin adeemu qabna. Dursi hiikaas, suma mataa kee, Macaafa Qulqullichaa fi Afuura Quqlulluudha. Nama ibsa kennu kamirrattiyyu sababeeffachuu hin qabdu.

Boqonnoota jiran si'a tokko taa'uun dubbisi. Taatewwan addaan barasi. Taatewwaan kee hiikaa jabanaa (ammayyaa) shananii waliin ilaali (wal-bira qabi).

Keyyataan hordofuun furtuu itti barreessaa isa dursaa itti hordofuudha, innis ijoo hiikaa kitaaba qulqulluuti. Keeyyatni kamiyyuu taate ijoo tokkoof tokko qofa qaba. Innis

1. Keeyyata 1ffaa
2. Keeyyata 2ffaa
3. Keeyyata 3ffaa
4. Kkf

**YAADA BARREEFFAMA KEESSA**

A. Boqonnaan kun yeroo baay'ee "walga'ii" Yeruusaalem" jedhamuun beekama.

B. Kunis jijjiirama bu'uuraa afuuraa, galmaa fi malaa manneen amantii irratti fideera. Bifa biraatiinis, ka'umsa wiirtuu kiristiyaana lamaa: Yerusaalemii fi Antsookiyaati.

C. Jijjiirraa amantii miti Yihudoota gara kiristiyaanummaati, Hojii Ergamootaa 8:11 addatti hayyamauun fakkaachuun (miti-guutummaadhaan, amantii paagaanotaa adeemsisaa), akka yero gabarabara keessatti jijjiiraman yookiin aman taasisuu miti (cf. 11:19).

D. Boqonnaan kun hariiroo Gal. 2ti. Hojiin Ergamootaa 15 yookiin 11:30 bu'uura Gala. Ni ta'a. Seenaa boqonnaa 14, C ilaaluun ni danda'ama.

E. Mallattoon afaan haaraan dubbachuu waldaa manneen amantii kiristiyaanota (Peenxe qoosxee) (boqonnaa 2,8 fi 10) miti Yihudootaa yookiin paagaanotaa humna afuura qulqulluu irraa ittisuu wabeeffate akka ragaatti hin ibsamne.

**QO'ANNOO JECHOOTAA FI GAALE**

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYA'E): 15:1-5**

**[1]Namooni tokko tokkos Yihudaa irraa gadi-dhufuun obbolota barsiisuu eegalan, isaanis, akkas jechuun' "Akka seera Museetti yoo dhaqna qabattan (kitaanamtaniin) ala fayyina hin argattan" jechuun barsiisuu eegalan. [2]Yeroo kanas Phaawuloosii fi Baarnaabaasiin akkasumas jara gidduutti walitti bu'iinsii fi wal-falmfiin ture, obbolootiinis, Phaawuloosii fi baarnaabaasa akkasumas isana keessaa tokko tokko namootiin biro gara ergamootaa fi jaarsoliitti gara Yeruusaalemiin akka bahan murtaa'e. [3]Yeroo**

**bataksaanni jara ergite kanas, jarris deebi'uu miti-kiristiyaanotaa lallabaa fi barsiisaa Fiinqee fi Samaariyaa keessa darban: yeroo kanattis obboloota kiristiyaanotaa biratti gammachuu guddaatu ture.**
**4Yommuu Yeruusaalem ga'anis, manni amantii, Ergamoonnii fi Jaarsoliin isaan simatan, isaanis waan Waaqayyo isaaniif godhe hunda ibsani.** **5Garee Faarsotaa kan ta'an tokko tokkoos ka'uun "kitaanamuu fi seera Muusee akka eegan ajajuu qabdu" jedhan.**

**15:1 "namoonni tokko tokko Yihudaa irraa gadi dhufan"** Kun kan agarsiisu gurumuu amantoota Yihuudaa fi kanneen amantii Juudiiziimiif Yesuusiif of kennaniidha. Jarris Yesuusiin akka inni amantii isaanii cimsuu yookiin guutuufiitti dhufetti, ilaalani malee akka inni isaaniin bakka bu'uuf dhufetti hin fudhanne (cf. 11:2; 15:5; Gala. 2:12). Afuurri nama kanaas kan amantii warra kiristiyaanota Juudotaatiin kan walqabate ture akka Galaatiyaa irratti ibsametti. Namoonni kunis manneen amantii Yeruusaalemiin kan wal-qabatan haa ta'u malee (cf. v.24) bakka bu'oota seerawoo yookiin beekamoo miti.

Hubadhu "gadi" jedha. Yoo maappii (kaartaa irratti ilaalle garuu waan "ol" jedhu fakkaata. Garuu warra Juudotaatiif wanti hundinuu "gadi"dha. Seera afuuraatiin, Yerusaalem irraa (cf. v.2).

▣ **"barsiisuu eegale"** Kun ennaa guutuu miti kana jechuunis: (1) Barsiisuu eegaleera yookiin (2) Irra deddeebi'ee barsiiseera.

▣ **"yoo kittaanamtaniin ala"** Kun hima tasaa garee sadaffaati. Jechuunis gochaa dhiibbarati. Kittaanamuun mallattoo Abrahaamiif dhala dhala isaatiif kennamedha (cf. Uma. 17:10-11). Kunis amantii Yihudootaa keessatti wanta akka salphaatti ilaalamu yookiin fudhatamu miti. Garuu kan afuura hamaa irraa itti of ittisanu malee. Namootiin kunis kan amanan karaan Waaqayyoo qofti karaa amantii Yihudootaati (cf. v.5). Jarris sanyii Yihudootaa jedhamuun beekamu. Jarris kan itti amanan Kiristoosii fi akkasumas fakkilee gara garaa irratti ture (cf. V5). Sirrii ta'uun isaanii yookiin cubbuun ala ta'uun isaaniis kan irratti hundaa'u ga'umsa isaanii irratti malee kennaa Waaqayyoo bilisaa miti. Walitti dhufeenyi nama tokkoo fi Waaqayyoos kaninni irratti hundaa'u yookiin milkaa'us amantii nama sanaa fi ga'umsa isaa irrattidha (cf. Rom. 3:21-30)

**15:2 "Phaawuloosii fi Bararnaabaras gidduutti maree fi falmii guddaatu gaggeeffame"** Luqaas sochii guddaa kana ibsuuf, ibsa "mare guddaa" jedhu fayyadama. (Luq. 23:19,25; HoE 15:2; 19:40; 23:7,10; 24:5). Walfalmiin kunis aay'ee barbarachisaa ture! Kunis kitaabolee qulqulluu keessaa isa tokko keessatti akka ergaa guddaatti ka'ameera. Namni tokko akkamitti karaa Waaqaa is asirriitti dhufuu danda'a? Yookiin Waliigalteen inni haarawaan isa duraanii wajjin walitti dhufeenya addaan hin bane qabara?

▣ **"namoonni amantii akka bira ga'anitti"** Kun kan agarsiisu "mana amantii" (cf. v.3). Gareen baay'een boqonnaa 15ff keessa jiran kan akkaataa dura buutummaa fi akkaataa itti abboomaman agarsiisanidha. Yookiin walqunnamsiisanidha. Boqonnaa 2,3 fi 22 irratti aangoon waldaa amantootaa ibsameera. Boqonnaa 6 fi 22 keessatti aangoon abunootaa yookiin beektota wangeelaa (kunis Yaaqoob) ibsameera; Kunis kan Kaatolikota Roomaa yookiin abboommii Anjeelotaati. Boqonnaa 6 fi 22 keessatti akkasumas aangoon abbootii jaarsoliis ibsameera. Kunis Seera Presbytariyaanotaatiin wal-maddii fakkaata. Kakuun Haaraanis caasolee seerota abboommota hunda kan of keessatti haammatedha. Ce'umsi yookiin guddiinni aangoo abuniitii (kan guyaa tokko du'uu danda'u) irraa gara aangoo amantoota yookiin waaqeffattootaatti kan godhamee fi aangoon dura buutummaas Paasteriidhaaf laatame (cf. V.19).

Akka yaada kootiitti caaseffamni bulchiinsa barbarachisummaan isaa amma cimina afuuraa dura bu'utaa hin ga'u. Dura buutonni afuura Qulqulluun guutaman lallaba wangeelaatiif barbarachisummaan isaanii guddaadha. Akkaataan bulchiinsa tokko tokko kaninni irratti hundaa'u aadaa fi siyaasa naannichaa irrattidha.

▣ **"kanneen biroos"** A.T.Robertson. *Jechootaan kan kaa'e Kakuu Haaraa* keessattis kanuma ceephessee darba. "Dhibba dhibbatti (Gal. 2:1,3), Giraakii fi Obboleessi Luqaas Hojii Ergamootaa keessati hin ibsamne" Yadni ibsame kun shakkisiisaa yoo ta'e illee yaad-rimee hedduu irratti hundaa'eeti. Himoonni kun wanta tokko haa agarsiisu malee ta'uu fi ta'uu dhiisuu want asana hin agarsiisan, of eeggannaa guddaa gochuu qabna. Sababni

isaas qabiyyee barreeffamaa barreessichaa itti dabaluuf hirrisuuf yookaan ballisuu hin dandeenyu, qabiyyeen isaa dhugaa ta'es dhiises.

▣ **"gara duuka buutotatti"** Caasaan dura-buutonni mana qulqullummaa Yeruusaalem hin tasgabboofne. Barreeffamoonni tokko tokko akka ibsan yoo ta'e Yaaqob gar-tokkeen isaa obboleessa Yesuus kan ta'e dura bu'aa ture jedhu. Kunis dhugaa fakkaata boqonnaa kana keessatti, utuma gareen dura butoota adda biraan jiraatanillee (cf. vv 4,22):

1. Duuka butoota 12
2. Jaarsolii biyyaa
3. Namoota waldaa amantii keessa hojjetaniif, Akkasumas kadhannaaf deeman

Wanti shakkisiisaan akkamitti Yaaqob garee-dura buutoota armaan olii wajjin walitti dhufeenya qaba. Innis duuka bu'aadha. Gal. 1:19. Dabales, galateeffamaa dura bu'aadha. (Pheexiroosis jaarsa waldaa ofiin jedha II Yoh. 1 fi III Yoha. 1).

▣ **"jaarsolii"** Barreeffama kana keessatti kan agarsiisu garee dura buutotaa caaseffama akka mana qulqullummaatti muudaman.

**15:3 "miti Yihudootaa fi saba makaa Yihudootaa kanneen ta'aniifis ergaa dabarsaafi turan"** Isaanis "Feenishiyaa" fi "Samaariyaa" jedhamu. Isaanis wangeelaan barsiifamanii jiru (cf. 8:5ffa; 11:19).

▣ **"hiika gadi fageenya qabu miti-Yihudoonni itti kennan"** Akkuma kanatti Phaawuloosii fi Bararnaabaras dinqii gurguddaa Waaqayyo hojjete saba Waaqayyoottis himaa deemuu kanneen karaa irra deemaa itti dhufanittis. Isaanis mul'ataan guutamanii!

Iccitiin kunis mana qulqullummaa Yeruusaalemiin jiruutif kan dhokate hin turre (cf. 21:18-20).

▣ **"kunis obboloota kiristaanotaa warra ta'aaniif gammachuu guddaa uume"** Bakkonni miti-Yihuudonni jirani ni jira. Manni qulqullummaa achi jirus wal makaa ture. Isaanis, yaadannoo mul'ataa kaa'anii darban man qulqullummaa Yeruusaalemiif. Ergamni addunyaa inni guddaan Helleeniin jalqabe kunis mana qulqullummaa Helleenniin mirkanaa'e.

**15:4 "mana qulqullummaa, duuka buutotaa fi jaarsolii waldaa"** Akkaataa seera bulmaataa isaanii boqonnaa 22 irratti akka ibsamettidha.

▣ **"waan Waaqayyo isaaniif godhe hunda dubbatan"** Kunis fakkeenya gaarii kan biroon hordofan ta'e.

**15:5 "Faarsota tokko tokko kanneen amanan"** Phaawuloosis kanneen kana keessa tokko ture. Yeroo kanattis amantiin inni afuura umnoota alagaatiifis qabu hin xumurame. Yeroo duraanii kana keessattis garaagarummaan amantii Yihudootaa fi kiristaanota gidduu jirus baay'ee dhiphate ture. Yesuusis Yihudoota fayyisuufis massii addunyaa kanaaf Waaqayyo irraa ergamedha jedhamee amanuun bu'uura manneen amantiiti. Garuu mannene amantii keessatti garaagarummaan yaadaa amantii Kiristoos fayyina siraa'elotaatiif dhufuu ture. Gareen mormitootaa kunis ("ol ta'anii" fuuldura nama Giriikitti yaada isaanii agarsiisuuf) faarsonni balaalamanis humni/afuurri kun kan bara baraa waan ta'eef itti amanamuu qaba! Namni kamuu Yesuusitti amanuu fi seera Musee fudhachuu qaba (Kunis barbarachisaa waan ta'eef): [1] Kittaanuuf (dhaqna qabuuf) [2] Afuura hamaa irraa isaan eeguuf, fi [3] Jara ittisuuf Warri sadan kun dhuma hin qabneen jiru Gaaffilee gurguddoo kanatu qaibyyee afuura Rom. 1-8 fi Galaatiyaa hundeessu! Mata duree addaa: Faarsii 5:34 ilaala.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 15:6-11**

**[6]Duuka buutonni fi jaarsoliin dhimma kana irratti Mariyachuuf walitti qabaman. [7]Wal falmii guddaa booda Pheexiroos ol-ka'uun akkas jedheen "yaa obboloottan koo ummanni hin amanne afaan koo keesaa jecha wangeelaa dhagahanii akka amananiif jecha Waaqayyo isin keessaa akka na filate isinis beektu. [8]Akkasumas, Waaqayyoon laphee hundaa beeku nuufis akka kenne afuura qulqulluu kennuun**

**ragaa baheef. [9]Laphee jaraas yommuu amantiidhaan qulqulleessuu isaaniif nu gidduus gargaarumma tokko illee hin uumne. [10]Ergasuu waanjoo abbootiin keenyaa fi nuti baachuu hin dandeenye gateettii duuka buutotaa irratti fe'uun maaliif amma Waaqayyoon qortu? [11]"Haata'u malee, nutis akkuma jaraa humna Yesuus Kiristoosin akka fayyina argannus ni amanna"**

**15:6 "duuka buutonniif jaarsoliin walitti dhufan"** Asirratti jalqaba duka buutonni adda addaatti wal qunnaman. Kunis kan haasa'u akkaataa bulmaa itti fufinsa pirees bitaariyaanotaati.

**15:7 "wal falmiin guddaan erga geggeeffamee booda"** Dura buutonni hundi irratti walii hin galle. Gareen tokko tokko hima V.s keessatti walii galani. Kunis yaada waliigalaa hundi irratti amane ture. Kanneen tokko tokkos uumamni wangeelaa odoo isaaniif hin galle. Yaada namoota kaanii irratti kan hirkate ture. Duuka buutonni mataan isaanii taatee dhumaa hubachuu irratti si'aawoo hin turre (cf. 8:1). Qaamoleen seera barasuu haala armaan gadiin hubatamuu qabu: (1) Addatti mariyachuu (2) ifaan ifatti mariyachuu (3) Namoota kadhannaadhaaf walitti qabamaniin filannoo gaggeessuu.

▣ **"Pheexirsoosis ol ka'e"** Kunis akkaataa namoota walitti qabamanii (baray'atanii) jiranitti haasaa itti taasisanidha. (cf. V5). Kunis ibsa isaa isa dhumaa Hojii Ergamoota irrattidha. Muuxannoo isaa kanaan duraas yaadachiise (cf. 10:11).

▣ **"amanti dhabeeyyiinis jecha wangeelaa dhagahuun amananiiru"** Waaqayyos Pheexiroosin akkanni jaala ummata isaatiif qabu akkanni ragaa bahuuf itti fayyadamaa ture! Waaqayyos hubannoo haarawaa guddaan kun sadarkaadhaan akka inni itti fufu taasiseera.

1. Warreen Saamariyaa jalqabaa, boqonnaa 8
2. Jaandarabara (namticha) Itoophiyaa, boqonnaa 8
3. Qornooliyoos, boqonnaa 10-11

Kunis guutummaa guutuutti amantii warra Paagaanii adeemsiisu miti, garuu hariiroo waliinii amantii warra Yihuudii (juudootaatiin) qaba. Haa ta'u malee, 1 fi 3 muuxanoon warra Peenxe qoosxeetiin mirkaneeffameera. Kunis ragaa manneen amantii duraanii Gooftaa fudhachuu garee biroo ta'uu danda'a.

**15:8 "Waaqayyo laphee hundaa beeku"** Kunis kan mirkaneessu Waaqayyo amanuu amanti dhabilee sirriitti beekuu isaati (cf. 1Sam. 16:7. Fakk. 24:12; Erm. 17:10 HoE 1:24; Rom. 8:24; Mul. 2:23).

▣ **"Hafuura Qulqulluus kenneef"** Kunis akka hubatametti kan agarsiisu muuxannoo wal fakkataa mana kiristiyaanota Pheenxe qoosxee ("akkuma inni nuuf godhe"). Bu'inis afuura qulqulluu wal fakkaataa ta'es Yerusaalemitti, Samaariyaa fi Kaa'esaaraatti ta'eea. Kunis mallattoo Waaqa fudhachuu gareen amantoota Yihudootaati (cf. lakk 11:17)

**15:9 "inni garaagaraummaa nuu fi jara gidduutti hin uumne"** Kunis Waaqayyo ilaalcha nuu fi jara gidduutti hin uumne" Kunis Waaqayyo ilaalcha addaa nama dhuunfaadhaaf akka hin qabne kan agarsiisu yaada afuura walitti qabara Phexiroos itti dhufadha innis 10:28,34; 11:12 keessatti namni martuu fakkii Waaqaatiin uumame (cf. Uma. 1:26-27). Waaqayyos namni hundi akka ittisamu fedha (cf. Uma. 12:3; Ba'u. 19:5-6; 1Xim. 2:4; 4;10; Xiixo. 2;11; 2Phex. 3:9)! Waaqayyo addunyaa mara jaallata (cf. Yoh. 3:16-17)

▣ **"laphee jaraas amantiidhaan qulqulleesse"** Kan agarsiisu waan Waaqayyo irraa nu fageessu irraa qulqullaa'uudha. Kunis jecha guddaa muuxannoo Pheexiroosiin keessatti bineensota quqlulluu fi miti-qulqulluu 10:15 fi 11:9 (LXX Uma. 7:2,8; 8:20 duuka bu'a). Kunis wangeela Luqaasa keessatti dhukkuba qurcii qulqulleessuuf fayyada (cf. 4:27; 5:12,13; 7:12; 17:14,17). Kunis humna guddaa ittiin cubbuu irraa qulqullaa'an ta'e (cf. Heb. 9:22,23; 1Yoh. 1:7).

Lapheen amantiidhaan karaa itti namni tokko gutummaan madaalamudha. Boqonnaa/mata duree addaa 2:47 ilaaluun ni danda'ama. Namoonni amantii dhabeeyyii ta'anis Waaqayyoon karaa Kiristoosiin cubbuu iraa

qulqullaa'uun fudhataman. Karaan qulqullina jaraas akka ergaa wangeelaatti amantiidha. Jarris guutummaa guutuutti nama sanaaf hojii Yesuusitti amanuu, fudhatan.

**15:10 "maaliif Waaqayyoon qormaata keessa keessu"** yaad rimeen hima kanaa Kakuu Moofaa Ba'u 17:2,7 and Keessa Deebii 6:16 jechi Giriikii "qormaata" (*peirazō*) jedhu waraabbiin "qormaata gara balleessuutti adeemu" Kunis mare xiyyeeffannoon itti laatame ture! Mata duree addaa: jecha Giriikii "qoruu" jedhuu fi waraabbii 5:9 ilaaluun ni danda'ama.

▣ **"waanjoo"** Jecha dura buutota amantii Yihudootaatiin fayyadamu ta'ee jecha *shema* jedhuuf gargaara, Dew. 6:4-5 kanaafuu, seera afaaniffaaf barreeffamaan jiru bakka bu'a (cf. Mat. 23:4; Luq. 11:46; Gal. 5:1).

**15:10 "waan abbootiin keenyas ta'e nuti barachuu hin dandeenye"** Kun kaninni mul'isu barsiisa Yesuus (cf. Luq. 11:46). Ergaan kunis Phaawuloosiin dabarfameera Gal. 11:46. Garuu Pheexiroos, akkuma Yaaqoob, kan ba'aan warra Yihuuda itti dhagahame (cf. Gal. 2:11-21).

Gaaleen kun dhugaa afuuraa seerri kun afuura hamaa irraa nama ittisuu kennuu dhiisu sababa kuufaatii ilma namaatiin ni fudhata (ni deeggara) (cf. Rom. 7)! Dandeettiin afuura hamaa irraa of ittisuu ga'umsa namaa irratti hin hundaa'u. Amanaan, ittifamee, kennaa qabu jireenya gaarii (eebbifamaa) jiraata (cf. Mat. 11:30; Efe. 1:4; 2:10). Kiristaanummaa cimaan yookiin seera Waaqayyoo sirriitti eeguun yeroo hundumaa galma kiristiyaanummaati. Kunis carraa lallabbii sagalee Waaqaa baballisuuf malee fedhii nama dhuunfaa yookiin gammachuu nama dhuunfaatiif miti.

**15:11** Kun golabbii ittisu afuura hamaa amantiidhaan (Pheexiroosiif cf. HoE 2-3; Paw. cf. Rom. 1-8; Gal. 3; Efe. 1-2). Hub. Akkaataan afuura hamaa ittisuu Yihudootaafis ta'e miti-Yihudootaaf wal fakkaataadha (cf. Rom. 4; Efe. 2:1-10).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYA'E): 15:12-21**
**[12]Ummanni hunduu callisanii, isa Waaqayyo Omroota (amanti dhabeeyyii) gidduutti mallattoo fi dinqii hojjete Baarnaabaasii fi Phaawuloos irraa dhaggeeffachaa turan. [13]isaanis erga dhaabanii; Yaaqoobis "yaa saba kiristiyaanaa na dhaggeeffadhaa jedhe. [14]Simi'oonis Waaqayyo Ormoota keessa akkamitti namoota isaa akka filate ajaa'ibsiifate. [15]Kunis kan raajotaan dubbatamedha. [16]KAN HUNDUMAA BOODA, DEEBI'EEN DHUFA, MANA WAAQEFFANNAA DAAWIT ISA JIGE DEEBISEE IJAARA, ISA JIGE CACCABSEE AKKA DURAANITTI NAN DEEBISA. [17]KANAAFUU SANYIIN NAMAA KAN HAFAN GOOFTAA NI BARBAADU, ORMOONNIS MAQAA KOOTIIN NI WAAMAMU. [18]INNIS YEROO DHEERAADHAA KAASEE KUN AKKA BEEKAMU KAN TAASISE JEDHE GOOFTAAN. [19]Kanaafuu, Ormoota keessa gara Waaqayyootti kan deebi'an gufachiisuun akka hin qabne murtoo kooti; [20]Garuu akka isaan Waaqa tolfamaa wajjin kan walqabate irraa, ejja irraa, ajjeechaa fi dhiiga dhangalaasuu irraa of eegan barreessuufi qabna. [21]Museenis dhaloota durii keessaa tokkoon tokkoon magaalaa keessaa sagalee Waaqayyoo kan isa barsiisaa turan qaba, ergasii kaasee mana kadhannaa keessatti Sanbata yeroo hundaa wangeela ni barata."**

**15:12 "ummanni hunduu ni callisan, dhageeffachaas turan"** Jechoonni Pheexiroos jedhe garee duuka buutotaas gammachiise. Akka haalichaattis, qabxii kana irratti miishinaroonni lamaan hojii miishinarii daqiiqaa tokko gidduutti waan irra deebi'anii dubbatan fakkaata. Yeroo kana dura buutonni dhaggeeffaniiru!

▣ **"Bararnaabarasii fi Phaawuloos"** Maqoonni jijjiiramaniiru, sababni isaa kun mana Waaqeffannaa Bararnaabaras ture jedhanii beeksisan.

▣ **"mallattoo fi dinqiidhaan wal qabsiisuun"** kaayyoon qo'annoo amantii Pheenxee qoosxee Hojii Ergamootaa keessatti mallattoo fudhatamuu Waaqayyooti, kanaafuu eenyuyyuu mallattoon kun kan irra deebi'ame adda ba'umsatu dhiisuu danda'a jedhanii dubbatu.

Mallattoon hundinuu Yesuusiin ta'an (cf. 2:22): Hojii Ergamootaa (cf. 2;43; 3:7; 4:16,10; 5:12), hiiktota kitaaba torban (cf. 6:8; 8:6,13), akkasumas Phaawuloosiif Bararnaabaras (cf. 14:3; 15:12). Gooftaan jirachuu isaatii fi aangoo isaa mallattoo fi dinqiidhaan wangeelaan agarsiisaa ture. Kunis Waaqayyo guutummaa guutuutti dhiqama isaa fi amantii isaaniitiin fudhachuun isaatii ragaadha.

**15:13 "Yaaqoob"** kun ergamicha Yaaqoobiin miti, sababni isaa inni Hojii Ergamoota 12:1-2 keessatti du'eera. "Yaaqoob dhugaa dubbaticha" jedhamee beekama. Darbee darbee "jilba Gaalaa jedhamee waamama" sababni isaas takka takka jilbeenfatee Waaqeffata. Dura buutonni Yeruusaalem lamaan Pheexiroosii fi Yaaqoob dhimma kana irratti dursitoota turan. Mata duree addaa 12:17 ilaali.

**15:14 "Simi'oon"** Kun akka Araamaayikitti Simi'oon jechuudha, inni Pheexiroosidha (cf. 2Phex. 1:1)

▣ **"waa'ee Ormootaa keessaa filatamuu namootaa"** Kun xiyyeeffannoo waliigalaa ragoota sagalee Waaqa irraa fuudhan (Isa. 45:20-23; 49:6; 52:10). Namoota Waaqayyoo kan jedhamanis Yihudootaa fi Ormoota kan hammatedha (cf. Uma 3:15; 12:3; Ba'u 9:16; Efe. 2:11-3:13). Gaaleen "Maqaa isaatiif jedhu" Uma. 13:11 fi 32:20 Yookiin Isa. 63:12,14 ibsuuf ta'uu danda'a.

**15:15-18 "barreeffameera"** Amoos 9:11-1 kan ibsu waa'ee maanguddootaati. Jechi "sanyii namaa" jedhu fuula 17 Edom (lammii) jechuudha, garuu maanguddoonni *Anthropos* (sanyii namaa) qabu. Yaaqoob maanguddoota qabaratti kan kaa'e kaayyoo isaa isa adda ta'e waa'ee waadaa Waaqayyoo bilisummaaf gale ibsufidha.

**15:16** Sababni Yaaqoob jecha maanguddootaa filatee fooyyesse akka lammiin hundumtuu bilisa bahaniif ta'uun isaa akka haalichaatti ifaadha.

1. Jecha hiiktootaa kan inni filate amanticha diiguufidhaa? Chaartariin inni haaraan sirrii fi addadha. G gocha otuu hin taane dhiifama irratti hundaa'udhaan
2. mana qulqulummaa osoo hin taane Yesuus irratti hundaa'uudhaan (Yesuus mana qulqulummaa haaradha)
3. sanyii Yihudotaa qofa osoo hin taane, sanyii namaa hundumaa irratti xiyyeeffachuudhaan.

Jijjiiramni kun ayyaan kittaanamuu amantootaa ni hambisa. Kana boodas Pheexiroos, Phaawuloosiif mootichi Yeruusaalem, Yaaqoob irratti walii galan.

**15:18** Ormoonni gara saba kiristiyaanaatti dabalamuun isaanii kaayyoo Waaqayyoo ture (cf. Gal. 3;26-29; Efe. 3:3-6). Kana jechuunis mooticha Daawitii kaasee dhalonni hundinuu ni fayyu jechuudha (cf. V16)

**15:19** Kun walumaa galatti yaada Yaaqoobidha.

**15:20** Walumaa galatti qajeelchi kun (1) manni kiristiyaanaa lammanuu akka walii wajjin waaqeffatan taasiisuu, kana malees (2) Yihuudonni akka kiristiyaana ta'an kaaa banuudha. Kun hundinuu fayyina Orma tokkootiif bu'aa hin buusu! Qajeelchi Yihudootaa barsiisuufi miti-amantoota deebisuufidha (cf. V 29; 21:25)

Seerri sirrii hin turre kan kenname garaagarummaa amantii fi hawaasummaa Yihudootaaf kanaa'anootaa adda barasuufidha. Kaayyoon isaanii walii wajjin waaqeffachuu ta'ee osoo jiruu, kaayyochi garuu faallaa dhufe. "Barbarachisummaan kanaa amantoonni aadaa lamaanuu akka walii wajjin waaqeffataniif ture!

Qabiyyeen kitaabota Giriikii seera duuka buutotaa wajjin wal-qabatee ture. Muraasni kitaabotaa qabiyyee lama, sadii yookaan afur qabu. Yaada kana irratti hubannoo irra caalaa argachuuf, kitaaba "Bruce M. Metzgeri *A Textual Commentary on the Greek New Testament*" jedhu fuula 429-434 irra ilaala. Hiikaan afaan Ingiliffaa harka afuriin baay'ata.

▣ **"ajjeechaa fi dhiiga dhangalaasuu irraa"** Namoonni tokko tokko akka yaada kennanitti, seera nyaata muse wajjin wal qabsiisu (cf. Seera Lew. 17:8-16). Ta'us garuu "dhiiga dhangalaasuu" ajjeesuu jechuudha; kanas Musee kan xiyyeeffatee barreessedha.

**15:21** caaffata kana jechuun (1) Seera Musee wangeela fuula jalqabara shan irratti barreeffame Ormootaaf kan lallabamu (2) Yihuudonni erga naannoo sana jiranii, sammuun isaanii eegamuufi qaba; isaanis yoo Gooftaan ni fudhatu ta'eef (cf. 2Qor. 3:14-15)

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): 15:22-29**

**[22]Duuka buutotaaf jaarsoliin waldaa namoota of keessaa filanii Phaawuloosiif Baarnaabaas wajjin gara Antsookiyaa erguun gaarii fakkaataa ture. Yihuudaan Baarnaabaasiin waamee, dura bu'aa kiristiyaanotaa, silaasiinis "duuka buutotaa fi maanguddoota waldaa Antsookiyaa fi Siiriyaa fi Omroota Kiliqiyaaf nagaan isaaniif haa ta'u" [23]Xalayaa jedhu karaa isaaniitiin erge. [24]Erga namoonni nuuf hin akeekkachiisne jecha afaan isaaniitiin lubbuu kee jeeqaa jiraachuu isaanii dhageenye. [25]Namoota fillee Phaawuloosiif Baarnaabaasii wajjin gara keetti erguun gaarii nutti fakkaata; [26]Namoota waa'ee Gooftaa Yesuus Kiristoosiif jedhanii jireenya isaanii dhiisaniif. Egaa isuma isinii caafne afaan isaanitiin immoo akka isinitti himaniif Yihudaadhaaf Siilaasiin isiniif ergine. [28]Wanta kana caalaa ba'aa hin taane kana sitti fe'uun afuura qulqulluu fi nutti gaarii waan fakkaateef. [29]Wantoota Waaqa tolfameef wareegaman irraa; ajjeechaa irraa fi ejja irraa of eegaa; jireenya gaarii jiraadha. Nagaan isiniif ha ta'u.**

**15:22** Bakka ub'inis kun kaayyoo tokkummaatiifidha. (cf. 23) malee ajaja mootii raawwachuuf miti.

▣ **"Yihuudaan Bararnaabarasiin waame"** Dura bu'aa amanamaa kanas akka warra Kakuu haaraa keessa, nutis in beekamuu ture. Kakuu Haaraa keessatti waa'een isaa humtuu hin dubbatamne. Garuu Waaqayyo baay'ee isa beeka!!

Namtichi kun obboleessa Yooseef Bararnaabaras is aYihudaa bakka bu'uuf ture (Iscariot in 1:23) ta'uu danda'a. Yoo kun ta'e lachuun isa ijoollee nama Barnaabaras jedhamuuti.

▣ **"Siilaas"** Innis, akkuma Bararnaabaras dura bu'aa mana kiristiyaanaa Yeruusaalemiin ture. Phaawuloos, siilaasiin, deemsa lallaba wangeelaa koo isa lammataa irratti isa Baarsaabaas bakka bu'u Siilvaanaas jedhee waaman. Akka tasaa Phaawuloos kan inni isa filateef (1) duuka buutota kudha lamaan caalaatti Macaafa Qulqulluu garaagaraa akka inni lallabuuf (2) Man kiristiyaanaa isaa, akka waaqeffachuu dhiisee bahuu fi gaaffii fi wanta isaan dhibuu fi deebii akka laatuufidha.

**MATA DUREE ADDAA: SIILAAS**

Siilaas yookiin siilvaanaas jechuun nama Phaawuloos deemsa lallaba wangeelaa isa lammaffaa irratti iddoo Baarnaabaas isaa wajjiniin akka deemuuf filatedha, kunis erga Baarnaabaas, fi Yohaannis Maarqoos Qoopiroositti deebi'anidha.

A. Hojii Ergamootaa 15;22 keessatti hangafa dura bu'aa saba kiristiyaanaa mana kiristiyaanaa Yeruusaalem jedhamee ibsameera.
B. Raajii tures (HoR 15:32)
C. Akkuma Phaawuloos lammii biyya Roomaa ture (HoE 16:37)
D. Inni fi Baarnaabaas Juudaan mana kiristiyaanaa Yeruusaalemiin gara Antsookiyaatti akka haala to'ataniif ergama (HoE 15:22,30-35)
E. Qoronxoos isa 2ffaa 1:19 keessatti Phaawuloos lallabaa wangeelaa ta'uusaa ibseeraan.
F. Boodattis Pheexiroos 1ffaa keessatti adda baasee ibseeraan (cf. 1Phex. 5:12)
G. Akkuma Luqaas siilaas jedhuun (akka Araamaayikitti saawul) Phaawuloosiif Pheexiroos siilvaanus jedhuun waamuun. Siilaan jecha Yihudootaa yommuu ta'u Siilvaanus jecha laatiinii ta'uu danda'a (cf. F.F, Bruce, Phaawuloos; Duuka bu'aa akka garaa Waaqayyoo fuula 213)

**15:23 "Kiilqiyaa"** Kun bakka mana jireenyaa Phaawuloosidha (cf. HoE 22:3).

**15:24** Fuulli kun kan agarsiisu miseensonni mana kiristiyaanaa Yeruusaalem aangoo yookaan taayitaa kan hin qabne ta'uusaatiif (cf. 1). (1) karaa mana kiristiyaanaatti deemsa gochuu isaniif (2) seera Museetiin buluu fedhuu isaanii (cf. lakk 1). Jechi (*anaskeuazō*) jedhu jecha Kakuu Haaraa keessatti humna waraanaa cimaa magaalaa qofa boji'uuf itti fayyadamaa qofadha.

**15:25**
**NASB** **"Sammuu tokko ta'uu"**
**NKJV** **"kaayyoo tokkoof walitti qabamuu"**
**NRSV, NJB** **"waldhabbii tokko malee murteessine"**
**TEV** **"walitti qabamnee hundi keenya walii galle"**

Tokkummaan amantootaa kun amala jiraachuu hafuuraati (cf. lakk 28). Kun garaagarummaan yookaan wal geddarumsi yaadaa hin jiru jechuu akka hin taane hubadhaa, garuu yaada mormii baray'edhaan booda tokkummaa argamedha. Walmormmiinii fi yaadonni kun irra deebi'ee hin kaaneef tokkummaa walii galtee amantii kun barreeffamee addunyaa irratti tamsaa'uu qaba. Amma manni kiristiyaanaa Yeruusaalem qabiyyee lallaba wangeelaa irratti kaayyoo biyyoolessaa tokko qabarataniiru!!

**15:26** Phaawuloosii fi Barnaabaas injifannoo goonfatan qofa osoo hin taane, lallaba wangeelaa irrattis gidiraa isana irra gahe addaan qooddataniiru. Gidiraa fi saaxilamuun isaanii kun yeroof itti dhagaahame kan darbu osoo hin taane, hojii isaan bara baraan garaa guutuun hojjetaniidha.

**15:28 "afuura qulquulluu fi nuufis"** Waaqayyo walga'ii barbarachisaa saan keessatti argamee ture. Fedha isaas mareedhaan ibse! Afuurri qulqulluun isa tokkummaa uumedha. Asirrattis Macaafni Qulquluun karaa lamina ni ibsa. Hojii Waaqayyoo fi deebii sirrii dhala namaa. Gareen lachuu waa argachuun isaanii dhiifamaan ta'uu isaa hubadhu. Dhiifama qofaan, amantii qofaan, lallabbiin wangeelaa mirkanaa'eera, garuu hubannoon Yihudootaas kabajameera.

▣ **"Barbarachisummaan kun"** Kun kan ibsu fayyina namaa dhuunfaa tokko osoo hin taane fayyina gartuu amantootaa Yihudootaa gidduu fi amantoota Ormootaa waldaalee gandicha keessatti.

**15:29** kana jechuun Ormootaaf Waaqa tolfamaa irraa addaan cituudha. Dirqamaa fi mirga kiristaanaa wal-simsiisuun ni ulfaata, garuu ta'uu qaba (cf. Rom. 14:1-5,13, 1Qor. 8:1-13, 23-28). Waaqeeffannaan miti-amantootaa kanaan duraanii kanneen sadan amman keessaa hafan of keessatti ni qabata ture.

"Barbarachisummaan" Kun kitaabota gara garaa Giriikii keessatti tarreeffamaniiru. Gaaffiin inni sirriinkamii wajjin akka walqabatanidha.

1. Aarsaan Waaqa tolfamaaf kennaman foon ta'uu agarsiisa (cf. 1Qor. 8,10:23-33)
2. Dhiigni kan ibsu
    a. Foon seera Yihudootaa hin taane yookaan
    b. Yakka ajjeechaadha.
3. Morma hudhuun kan agarsiisu seera Yihudootaan alatti bineeldota ajjeessuu ta'ee warri lammand uraaniis hubannoo Yihudoonni nyaataf qaban ibsu.
4. Ejji kan ibsu
    a. Sagantaa waaqeffannaa fi nyaata miti amantootaa irratti hirmaachuu
    b. Kakuu Moofaa walqunnamtii saalaa fira dhihoo gidduutti taasifamu (cf. Seera Lew. 17:10-14)

"Barbarachisummaan" Kun hundinuu fayyinaa wajjin wal hin qabatu, garuu mana kiristiyaanaa walitti dabalaman keessatti waaqeffachuu fi kiristiyaanaa ta'uu Yihudootaaf carraa ni bana.

**MATA DUREE ADDAA: MIRGAA FI DIRQAMA KIRISTIYAANAA (Yaada mataa kootii: Rom Vol. 5 irraa kan fudhatame)**

A. Boqonnaan kun faallaa mirgaa fi dirqama kiristiyaanaa gidduu jiru wal simsiisuuf yaala. Boqonnaan kun hojii ergamootaa irratti argama.

B. Boqonnaa kana keessatti rakkina kan uume waldhabbii Ormootaa fi amantoota Yihudootaa mana kiristiyaanaa Roomaa ta'uu ni mala. Kiristiyaanaa ta'uu isaaniittiin duratti Yihuudonni seeraan bultoota yeroo turan miti-amantoonni immoo seeraan ala gocha sirrii hin taaneen jiraachaa turen. Yaadadhaa, boqonnaan kun kan barreeffame duuka buutota Yesuusiifidha. Boqonnaan kun amantoota ejjituuf kan barreeffame miti (cf. 2Qor. 31:1). Boqonnaa kana barreessuuf kan ka'ums ta'ee garee lachuudha. Gareen lachuu balaa keessa jiru. Mareen kun dogoggora xixiqqoo seeraan funaanuu yookaan bilisummaa kan heyyamu miti.

C. Amantoonni qo'annoo amantii yookan seera ititin bulmaata isaanii madaalli amantoota biro hundaa gochuu irraa of qusachuu qabu (cf. 2Qor. 10:21). Amantoonni ifa qaban keessa adeemu qabu, garuu seera amantii isaanii hubatan jechuu akkuma sanaan seera Waaqayyo beekan jechuu miti. Ammas taanaan amantoonni cubbuudhaan miidhamaniiru. Walii walii keenya wal jajjabeessuu, wal amansiisuu, fakkii irraa of eeguu, sababaa fi muuxannoo wal jijjiiruu qabna, garuu yeroo hundaa jaalalaan wajjin. Nana beeka nan beeka jechuun kan hin beekne (cf. 2Qor. 13:12)!

D. Ilaalchii fi kaka'umsi namni tokko Waaqayyoof qabu hiiktuu dhugaa inni hojii isaa ittiin maludha. Kiristiyaanonni maal walii walii isaaniitiif gochaa turan irratti murtoo fudhachuuf fuula Kiristoos ni dhaabbatu (cf. lakk. 10, fi 2Qor. 5:10.

E. Maartiin Luutar, "Namni kiristiyaani mootii bilisaa kan eenyuunuu hin bitamnedha; namni kiristiyaanni hojjetaa hundaati hundaanis ni bitama" Darbee darbee dhugaa Macaafa keessatti barreeffame jecha kana ni faallessa.

F. Barumsi cimaa fi barbaachiisaa ta'e kun kitaaba Roomaa boqonnaa 14:1-15;13 keessatti ibsameera, kana malees 1Qor. 8-10 fi Qol. 2:8-23 keessatti.

G. Haa ta'u malee, lama ta'uun amantootaa gadhee lachuu ciminaa fi dadhabina qabu. Lachuun isanii ifa qaban keessa deemuu qabu, ifa caalaa argachuufis wangeelaa fi hafuura qulqulluu fi banaa ta'anii.
   a. Fayyina hunda keenyaatiin bara dukkanaan fuullee keessan ilaalamuu (1Qor. 13:8-13) eenyullee jaalala keessa deemuu (cf.15) fi nagaa (lakk. 17,19) qabaachuu qaba.

H. Jechoonni "ciminaa" fi "dadhabina" kan Phaawuloos garee-lamaniif kenne akka nu jibban taasise. Kun akka kaayyoo Phaawuloos hin taane beekamaadha. Gareen lamaanuu garaa irraa fuudhanii amantoota turan. Nuti yaaliin keenya kiristiyaanota biroo ofitti dabaltuuf miti! Maqaa Kiristoosiin isaan fudhanna!

I. Walumaa galatti ijoon wal mormii kanaa akka armaan gadiiti.
   1. Wal fudhaa sababni isaa Waaqayyo Kiristoosiin nu fudhateera (cf. 14:1,3; 15:7);
   2. Wal irratti hin murteessinaa sababni isaa kan murteessuuf kan murteessu Gooftaa keenya Kiristoos qofadha (cf. 14:3-12).
   3. Bilisummaa dhuunfaa irraa jaalalatu caala (cf. 14:13-23).
   4. Fakkeenya Kiristoosiin duuka bu'udhaan fayyinaa fi gaarummaa warra kaaniitiif waan sirri hojjedhuu agarsiisi (cf. 15:1-13)

**"yoo"** Kun jechama tasaa ta'uu barate NJB'n "kana dhorkuu qaba, atis wanta sirrii ni hojjetta"

**"nagaan isiniif haa ta'u"** Kun walumaa galatti ciminaa fi nageenya dhaamuuf kan fayyadaa ture yeroo ta'u jechama yeroo darbeetidha.

**KITAABA NASB (KAN FOYYAA'EE) 15:30-35**

**30 Gara Antsookiyaatti yeroo ergamaan ummataa walitti qabanii xalayaa itti laatan. 31 Yeroo dubbisanis jajjabina argachuun ni gammadan. 32 Yihudoonnii fi Siilaasis utuu raajota ta'anii jiranii dhaamsa yeroo dheeraadhaan saba kiristiyaanaa jajjabeessan. 33 Yeroo muraasa erga achi turanii boodas, saba kiristiyaanaa biraa gara warra jalqaba isa ergeetti deebi'an. 34 Garuu Siilaas achi turuun isaa gaarii itti fakkaata ture. 35 Garuu Phaawuloosii fi Baarnaabaas namoota baay'ee wajjin sagalee Gooftaa barsiisaa fi lallabaa Antsookiyaa turan.**

**15:30** Kun walga'ii waliigalaa biraati. Bararnaabarasummaa walitti qabamuu mana amantii naannoo agarsiisa.

**15:31** walga'iin lammaffaa Antsookiyaatti ta'e kun barbarachisumaan isaa kallattii gadhee irraa hin ilaalu yookaan hin daangeessu.

**15:32** Fuulli kun kan ibsu dhiibbara raajii Kakuu Haaraati. Jalqabatti wangeela lallabuuf hojii irra oolchuu ture, eenyutu beeka, mare dheeraa kanaaf sababni ragaa Kakuu Haataa ta'uu danda'a! Kakuu Haaraa Prophecy 3:18 ilaalaa.

**15:33 "nagaan"** Kun akka Hibrootaatti nagaatti jedha, shalom, jecha jedhu ibsuu danda'a. Kun irra caalaa kan ibsu deeggarsa guutuu mana kiristiyaanaa Yeruusaalemiif dura buutota isheeti.

**15:34** Fuulli kun kitaaba Giriikii garagaaraa keessatti hin barreeffamne p[74], א, A, B, E, hiika Laatiinii bataskaanaa Roomaas miti. NRSV, TEV, NJB fi NIV barreeffameera. Kun kitaaba Giriikii keessatti fooyya'ee kan barreeffamedha. (kunis c fi O). Qaama Hojii Ergamootaas ta'uu dhiisuu danda'a.

**15:35** Fuulli kun kan agarsiisu barsiisonniif lallabdoonni homaa beekuu dhiisuu isaanii agarsiisa. Waa'ee jiraachuuf duuka buutotaa biro fi hojjettoota wangeelaa biroof lallaboota kan agarsiisu ragaa Kakuu Haaraa filatamaadha. Waaqni beekaadha.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYAA'EE) 15:36-41**
**[36]Yeroo muraasa booda Phaawuloosii fi Baarnaabaas" saba kiristaanaa magaalaa hunda keessa, bakka nuti sagalee Gooftaa itti barsiisne, *fi* akka isaan itti jiran haa do'annu" [37]Baarnaabaas Yohaannis Maarqoos isa jedhamuuf isaanii wajinis fudhachuu barbaade. [38]Phaawuloos garuu isaanitti isa fudhachuu hin barbaadne sababni isaa, inni Paamfiiliyaatti isaanittii adda bahee ture; isaanii wajjinis gara hojiitti hin dhufne. [39]Kanaaf qaratti waldhabbiin isaan gidduutti uumamee adda adda bahan, Baarnaabaasis Maarqoosiin fuudhee bidiruudhaan gara Qoophiroosiin adeema. [40]Phaawuloosiis Siilaasiin file. Obbolootaan (saba kiristaanaas) isanis Waaqayyotti adaraa erga late booda bahee mana kiristaanaa cimsaa Soriyaa fi Qiiliyaa irra naanna'aa ture.**

**15:36 "haa deebinu"** Deemsa isaanii isa jalqabara keessatti mana kiristiyaanaa isa haaraatti deebi'uuniif jajjabeessuun kaayyoo Phaawuloosiif Bararnaabaras ture. Waa'ee deemsa hojii wangeelaa isaanii isa jalqabara sanaaf haafura qulqulluutiin humtuu kan hin dubbatamne ta'uusaa hubadhu (cf. 13:2).

**15:38 "Phaawuloos hin barbaranne"** Kun wanta ta'uu hin oolle, garuu ta'uunirra hin jirredha. Phaawuloosiis fedha akka hin qabaranne ifatti barasee dubbachuu itfi fufe.
"dhiiseenii deeme" Sirriitti maaliif akka Yohaannis, Maarqoos deemsa hojii wangeelaa jalqabara dhiiseef hin beekamu (cf. 13:13).

**15:39 "kanaaf qaratti wal dhabbiin isaan gidduutti uumamee adda addaa bahan"** Hiikni hundee jecha "qara" jedhuu "akka billaa(aaduu) qaramaa" jechudha. Akka Hibroota 10:24 wanta gaarii ibsuuf gargaara. Jechi kun Hojii Ergamootaa 17:6 fi 1Qor. 13:5 keessattis ni fayyada. Sirriitti wal mormanii turan!

▣ **"Barnaabaras Maarqoosiin waamee gara Qoophirasitti wajjin adeeme"** Amma garee hojjettoota wangeelaa lamatu jira.

**15:40 "Phawuloos Siilaasiin filate"** Phaawuloos dura bu'aa kan biraa mana kiristiyaanaa Yeruusaalem keessaa filate.

▣ **"erga saba kiristiyaanaa Waaqatti amaanaa laatanii"** Kun kadhannaa garaa irraa fudhatamedha. (cf. 6:6; 13:3; 14:26; 20:32). Kun garee filatamoo osoo hin taane guutummaa mana kiristaanaadha.

**15:41 “Qiilkiyaa”** Akkamittiif maaliif akka manneen kiristiyaanaa kun eegalamn hin beekamu.  Akka tasaa Phaawuloos mataan isaa bara callisa isaa Taarsees keessatti kan eegale ta’uu danda’a.

**GAAFFILEE MAREE**

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a.  Tokkoo tokkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna.  Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu.  Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiraatu.

Gaaffileen marii kun kan isaan dhi’aatan, yaadawwan gurguddoo kutaa Macaafa kanaa keessatti ibsaman keessa deebitee akka si gargaaruufidha.  Gaaffileen kun yaada kana kaasan malee ibsa kan irratti kennan miti.

1. Boqonnaan kun maaliif barbarachisaa ta’e”
2. Eenyutu kiristiyaanoota Yihudootaati?
3. Maaliif yaada Yaaqoobiif gatii guddaan laatame?
4. Eenyuutu jaarsoliidha?
5. Fuullii 28-29 kan ibsu mootummaa Waaqayyootimoo garee kiristiyaanootaati?

# HOJII ERGAMOOTAA 16

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRTTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Ximootiwoos Phaawuloosii fi Silaas duukaa deemuu isaa | Ximootiwoos Phaawuloosii fi Silaas qunnamu isa | Ximootiwoos Phaawuloosin qunnamu isaa | Ximotiwoos Phaawuloosii fi Siilaas wajjin adeemuu isaa | Liqoniyaa: Phaawuloos Ximotiwoosiin fo'achuu isaa |
| 16:1-5 | 16:1-5 | 16:1-5 | 16:1-5 | 15:41-16:3 |
| | | | | 16:4 |
| | | | | 16:5 |
| Phaawuloos mul'atatti nama Maqedooniyaa tokko arguu isaa | Waamicha Maqedooniyaa | Kutaa biyya Miisiyas keessa darbanii Xro'aasitti gad bu'uu isaanii | Xro'aasitti: mul'ata Phaawuloos | Asiyaa keessa darbuu isaanii |
| 16:6-10 | 16:6-10 | 16:6-10 | 16:6-10 | 16:6-8 |
| | | | | 16:9-10 |
| Liidiyaan wangeelatti amanuu ishee | Liidiyaan Filphiisiiusitti cuuphamuu ishee | Phaawuloosii fi Siilaas Filiphiisuyuus keessatti | Filiiphiisiyuus keessatti amanuu Liidiyaa | Filiiphisiyuus ga'uu isaanii |
| 16:11-15 | 16:11-15 | 16:11-15 | 16:11-15 | 16:11-15 |
| Filiiphiisiyuusitti hidhamuu isaanii | Phaawuloosii fi siilaas hidhamuu isaanii | | Mana hidhaa Filiiphiisiyuus keessatti | Hidhamuu Phaawuloosii fi Siilaas |
| 16:16-24 | 16:16-24 | 16:16-18 | 16:16-22a | 16:16-18 |
| | | 16:19-24 | | 16:19-24 |
| | | | 16:22b-24 | |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Namicha mana hidhaa eegu sun fayyuu isaa | | | Phaawuloosii fi siilaas dinqidhaan hiikamuu isaanii |
| 16:25-34 | 16:25-34 | 16:25-34 | 16:25 | 16:25-28 |
| | | | 16:29-30 | 16:29-34 |
| | Phaawuloos dhoksaadhaan adda bahu ni dide | | 16:31-34 | |
| 16:35-40 | 16:35-40 | 16:35-40 | 16:35 | 16:35-37 |
| | | | 16:36 | |
| | | | 16:37 | |
| | | | 16:38-40 | 16:38-40 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A guide to good Bible reading" fuula vii irraa)**
*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HORDOFUU*

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Quqlulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa qulquluudhaaf hiika mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi hafuurri qulqulluun, hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiraatu.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan ahaaraa shananiin madaali. Keeyyataan hiruun dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo giddy-galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa gulummoo tokko qofa qabna.

1. Keeyyaa 1ffaa
2. Keeyyata 2ffaa
3. Keeyyata 3ffaa
4. Kkf

**HIIKAA GALUMSAA HOJII ERGAMOOTAA 15:36-16-40 iaaluu**

I. ADEEMSA ERGAMAA LAMAFFAA (15:36-18:23)

A. Ergamni kun isa jalqabara caalaa yeroo dheeraa wagaa 3-4 ta'uu danda'u fudhateera.

B. Harka caalaa Maqeedooniyaa fi Akaayyaa irratti xiyyeeffata, kun immoo Giriikii har'atti.

C. Toorii gabarabara

1. Adda ba'uu Phaawuloosii fi Bararnaabaras, 15:36-40 (waliin morkii Yohaannis isa Maarqoos jedhamu irratti ka'e)
2. Sooriyaa fi Qiliiqiyaa, 15:41 (yeroo fi akkamitti waldoonni kun akka jalqaban beekamaa miti).
3. Lisxiraa fi Derbee, 16:1-5 (Ximotiwoos garrichatti makame)
4. Xro'aas (Tiroy) 16:6-10 (Phaawuloos gara dhiyaatti dhemuuf mul'ata fudhate
5. Filiphiisiyuus, 17:1-9
6. Tasaloonqee 17:1-94
7. Beriyaa, 17:10-14
8. Ateenaa, 17:15-34
9. Qoronxoos 18:1-17
10. Anxokiyaatti deebi'uu isaa, 18:18-22

**NAMOOTA CAQAFAMAN**

A. Yohaannis isa Maarqoos jedhamu (Yohaannis maqaa Yihudootaatti. Maaqoos maqaa warra Roomaati, HoE 12:25)
   1. Inni Yeruusaalemitti guddate. Manni haadha isaa iddoo dur Yeruusaalem keessaa waldaa itti kadhatan ture ta'uun isaa HoE 12:12 keessatti ibsameera.
   2. Baay'een manni isaa iddoo irbarata gooftaa turuu isaa ibsaniiru, akkasumas inni Marq. 14:51-52 keessatti qullaa isa baqate isa ta'uu isaa ibsaniiru. Yaadni kun lamaanu ta'uu danda'u, garuu tilmaamo, duwwaadha.
   3. Inni durii Bararnaabaras ture (cf. 4:10).
   4. Inni Phaawuloosii fi Bararnaabarasii wajjin ture (cf. HoE 13:5)
   5. Inni dafee warra kaan irraa adda ba'ee Yeruusaalemitti deebi'e (cf. 13:13).
   6. Bararnaabaras adeemsa isa lammaffaatti isa fuudhee deemuu barbarade, garuu Phaawuloos ni dide (cf. HoE 15:36-41)
   7. Booddee Phaawuloosii fi Yohaannis Maarqoos walitti deebi'an (cf. 2Xim. 4:11; Filemon 24).
   8. Inni ifatti Pheexiroosiif hiriyaa itti dhiyaatu ta'e (cf. 1Phex. 5;13).
   9. Seenaan akka jedhutti Maarqoos lallaba Pheexiroos Roomaatti godhe galmeessee wangeela maqaa isaatiin barreesse. Wangeelli Maarqos Macaafota Kakuu Haaraa hunda caalaa jechoota Laatinii qabarachuun isaa warra Roomaatiif barreeffamuu isaa agarsiisuu danda'a. Kun barreeffama Herapolis Yusebasin barreeffame Eccl. His. 3:39.15 irraa dhufe.
   10. Seenaan akka jedhutti ni hundaa'uu wwaldaa Alesaandariyaatin walqabata.

B. Siilaas
   1. Inni Hojii Ergamootaa fi xalayoota ergamankeessatti Siilaas jedhama.
   2. Inni akkuma Bararnaabaras waldaa Yeruusaalemitti geggeessaa ture (cf. HoE 15:22-23)
   3. Inni Phaawuloosii wajjin baay'ee walitti dhufeenya qaba (cf. HoE 15:40; 16:19ff; 17:1-15; 1Tas. 1:1).
   4. Inni akkuma Phaawuloosii fi Siilaas raajii ture (cf. HoE 15:32).
   5. Inni Ergamaa jedhameera (cf. 1Tas. 2:6).
   6. Inni akkuma Phaawuloos lammummaa Roomaa qaba ture (cf. HoE 16:37-38).
   7. Inni akkuma Maarqoos Pheexiroosii wajjin walitti dhufeenya qaba ture, akka barreessaatti iyyuu utuu hin hojjetin hin hafu (cf. 1Phex. 5;12).

C. Ximotewos
   1. Hiikaan maqaa isaa "nama Waaqayyoon sodaaatu" jechudha.
   2. Inni haadhan Yihuudii abbaran immoo Giriikii ta'ee Liisxiraa keessa jiraachaa nama turedha. Yaadni Origen Rom. 16:21 kenne (hiikaa Laatinii) akka jedhutti Ximotewos lammii Derbee ture. Kun HoE 20:4 isaatiin waa'ee amantii Yihudootaa barsiifamee ture (cf. 2Xim. 1:5; 3:14-15)
   3. Adeemsa isa lammaffaa irratti garee misiyoonotaa Phaawuloosii fi Siilaasitti akka mkamuuf gaafatamee ture (cf. HoE 16:1-5). Waa'ee isaatiif raajiin dubbatamee ture (cf. 1Xim. 1:18-4; 4:14).

4. Yihudootaa fi Giriikootaa wajjin akka hojjetuuf Phaawuloosiin dhagna qabamee ture.
5. Phaawuloosi wajjin hojjechuu fi adeemuudhaaf nama of kenne ture. Inni gargaartota Phawuloos warra kaan caalaa maqaadhaan waamama (xalayoota 10 keessatti yeroo 17, Cf. Iqor. 4:17; 16:10; Fil. 1:1; 2:19; Qol. 1:5; 1Tas. 1:1; 2:6; 3:2; 1Xim. 1:2,18; 4;14; 2Xim. 1:2; 3:14-15).
6. Inni "ergamaa" jedhameera (cf. 1Tas 2:6).
7. Xalayoota sadan tajaajiltootaaf barreefaman keessaa lama isaaf barreeffame
8. Inni yeroo dhumaaf Hibrootaa 13:23 keessatti maqaa dha'ame.

## QO'ANNAA JECHAA FI GAALE

**BARREFAAMA NASB (KAN FOOYA'E) 16:1-5**
**1 Phaawuloos karaa isaa itti fufee mandara Darbee dhaqe. Mandara Liisxiraattis darbe. Achi immoo ximotewos kan jedhamu dargaggeessi amane tokko ture: Haati isaa Yihudii wangeelatti amanteedha. Abbaan isaa immoo Giriikiidha. 2 Ximootewos amantoota Liisxiraadhaa fi Iqoniiyum jiran biratti maqaa gaarii qaba ture. 3 Phaawuloos akka Ximootewos isa duukaa adeemu barbaada, dhagna isa qabsiise. Kana gochuun isaas, Yihudoonni naannoo sana jiraatan hundinu abbaan isaa nama Giriikii ta'uu isaa beeku waan turanifi. 4 Kana booddees Phaawuloos faa karaa irra bu'an: Seerata ergamoonnii fi jaarsoliin Yeruusaalem irratti walii galan, mandara keessa darban hundumaan ga'anii, akka eeganiifis isaan gorsan. 5 Waldoonni kiristiyaanaas amantichatti ni cimu, lakkoofsaanis guyyaa guyyaatti ni guddatu turan guddatu turan.**

**16:1 "Darbee dhaqe Liisxiraattis darbe"** Magaaonni kun kibba bulchiinsa Roomaa ishee Galaatiyaa (Turkii har'aa) jedhamtuuti. Phaawuloos adeemsa isaa isa jalqabara keessatti naannoo kana a'ee ture (cf. v.14).

▣ **"ergamaan tokkoos achi ture"** Gaalee kana jalqabuuf Luqaas jecha *idou* jedhu fayyadama. Kun karaa ittiin yaadni ciminaan ibsamu ture. Ximotiwos tajaajila Phaawuloos keessatti ga'ee guddaa taphachuuf jira.

▣ **"Haatiisaa amantuu turte, abbaran isaa garuu nama Giriikii ture"** 2Xim. 1:5 irraa kan harannu akkoon isaa Yihudii amante ta'uu isheeti. Maqaan akkoo isaatii Lo'is, maqaan haadha isaa immoo Ewuniiqee ture. Hadhi isaa fi akkoon isaa kan amanan yeroo adeemsa Phaawuloos isa jalqabara ta'uu danda'a.

**16:2 "maqaa gaarii qaba ture"** Kun gocha raawwaamuun isaa hin xumuramnedha. Namoonni waa'ee Ximootiyoos ammas ammas maqaa gaariidhaan kaasu. Amala namni mana qulqullummaa geggeessu tokko qabarachuu qabu keessaa tokko warra amananii fi warra hin amanne bukkeetti "maqaa gaarii" qabarachuudha. (cf. 1Xim. 3:2,7,10).

▣ **"Liisxiiyaattis"** Ximotiwos Liixiraa jiraachaa ture. Barreeffamoonni Giriikii tokko tokko garuu HoE 20:4 irratti (fi barreeffamoonni Origen) Darbee jiraachaa akka ture ibsu.

**16:3 "Phaawuloos akka namni kun isaa wajjin adeemu barbarade"** Phaawuloos akka Ximootiwoosiin waame hubadhu. Kun filannoo Ximotiwoos duwwaa hin turre (cf. 1Xim. 3:1). Kana jechuun Ximotiwos haarmaattuu ergama Phaawuloos yookiin bakka bu'aa isaa ta'e jechuudha.

▣ **"dhagna isa qabsiise"** Phaawuloos akka inni Yihudootaa wajjin hojjetu barbarada (cf. 1Qor. 9:20; HoE 15:27-29). Kun warra amantii Yihudootaa hordofan irraanfachuuf hin turre, sababii (1) walga'ii yeruusaalemiif (cf. lakk 15) fi (2) Tiitoosiin dhagna qabuu diduu isaaf (cf. Gal. 2:3). Haa ta'u malee hojiin Phaawuloos dhimmicha walxaxaa godhee ture! Adeemsi Phaawuloos namoota tokko tokko mo'uudhaaf, namoota hundumaaf waan hundumaa ta'uu jedhu (cf. Qor. 9:23-33) namootaa fi fayyina isaanii jalqaba kan godhu ture!

▣ **"abbaan isaa Giriikiidha"** Ennaan hima kanaa yeroo sanatti namichi du'uu isaa agarsiisa.

**16:4** Phaawuloosii fi Siilaas waliigaltee Yeruusaalemitti ta'e namootaan ga'an (gocha in xumuramin jiru) (cf. 15:22-29). "qajeelfamoonni kun kaayyoo gurguddaa lamaaf akka ture yaadadhu. (1) Hirmaannaa mana qulqullummaa (2) barsiisa amantii Yihudootaa (akka dhagna qabara tiitoos)

**16:5** Kun jechoota Luqas xumura irratti fayyadamu kan biraadha (cf. 6:7; 9:31; 12:24; 16:5; 19:20; 28:31). Phaawuloos duuka-buutu horachuutti dhimma ture (cf. 14:22; 15:36; 15:5).

▣ **"Waldoota"** Mata duree addaa 5:11 irra jiru ilaali.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 16:6-10**
**6Hafuurri Qulqulluun kottaa biyya Asiyaatti dubbicha lallabu waan isaan dhowweef, kutaa biyya Firiigiyaatii fi Galaatiyaa gidduu darbana. 7Kutaa biyya Miisiyaas ga'anii kutaa biyya Bitiiniyaa dhquu yaalan: Hafuurri Yesuus garuu achi dhaqu isaanii hin ilaallanne. 8Kanaaf kutaa biyya Miisiyaas keessa darbanii Xro'aasitti gadi bu'a. 9Phaawuloos halkan sanatti nama Maqedooniyaa tokko mul'atatti arge: namichi dhaabatee "Maqedooniyaatti ce'i nu gargaari!" jedhee isa kadhate. 10Akkuma inni mul'aticha argeen, Waaqayyo akka wangeela isaaniif lallabuuf nu waamuu isaati, jennee waan fudhanneef, achumaan biyya Maqedooniyaatti ce'uu abballe.**

**16:6 "kutaa biyya Firii giyaatii fi Galaatiyaa gidduu darban"** Barreeffama kana keessatti haal bulchiinsa warra Roomaatiin utuu hin ta'in sanyii fi afaan irratti hundaa'ee hiruu isaati. Jechamni kun saboota gidduutti daangaa waltawaa hin taane agarsiisa.

▣ **"waan isaan dhowweef"** Gocha irratti raawwatamee darbe agarsiisa. Kakuu Haaraa keessatti jecha yeroo baay'ee fayyaduudha. Gochaa fi murtuu waldaa durii keessatti Hafuurri Qulqulluun kallattiidhaan hirmaata ture (cf. 2:4; 8;29; 39:10; 11:12,28; 15:28; 16:6,7; 21:4; Rom. 1:13).

▣ **"Asiyaatti"** Kun bulchiinsa Roomaa keessaa Asiyaa ishee xiqqoo agarsiisa, kun immoo qarqara lixa Turkii har'aati.

**16:6,7 "Hafuura Qulqulluu"** Mata duree addaa itti fufee jiru ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: YESUUSII FI HAFUURICHA**

1. Hojii hafuurichaa fi Yesuus gidduu walii galteetu jira. G.Kampbel Morgan akka jedhutti, mogaasni sirriitti Hafuurichaaf ta'u "Yesuus biraa" dha. Kanatti fufee toorii hojii fi moggaasa Ilmaa fi Hafuurichaa madaalutu jira.
2. Hafuura "Hafuura Yesuus" jedhamu yookiin ibsa walfakkaataa (cf. Rom. 8:9; 2Qor. 3:17; Gal. 4:6; 1Phex. 1:11). Lamaanuu jecha tokkoon yeroo waamaman
   a. "dhugaa"
      1) Yesuus (Yoh. 14:6)
      2) Hafuura (Yoh. 14:17; 16:3)
   b. "Nama nuuf dhaabatu"
      1) Yesuus (1Yoh. 2:1)
      2) Hafuura (Yoh. 14:1,26; 15:26; 16:7)
   c. "Qulqulluu"
      1) Yesuus (Luq. 1:35; 14:26)
      2) Hafuura (Luq. 1:35)
3. Lachuu yeroo hundumaa amantoota wajjin jiru.
   a. Yesuus (Mat. 28:20; Yoh. 14:20,23; 15:4-5; Rom. 8:10; 1Qor. 13:5; Gal. 2:20; Efe. 3:17; Qol.

1:27)
b. Hafuura (Yoh. 14:16-17; Rom. 8:9,11; 1Qor. 3:16; 6:19; 2Xim. 1:14)
c. Abbaan iyyuu (Yoh. 14:23; 2Qor. 6:16)

**16:7 "Miisiyaas"** Kun sanyii irrati kan hundaa'ee kaaba lixa Asiyaa ishee xiqqoo bulchiinsa Roomaa turtedha. Kun tulluudhaan kan marfamtee fi karaa gurguddaan warra Roomaa kan keessa darbu turte. Magaalonni gurguddo ishees xro'aas, Asos fi Pergamoon turan.

▣ **"Bitiiniyaa"** Naannoon kunis Kaaba dhiya Asiyaa xinnittii fi kaaba baha Miisiyaasitti kan argamtuudha. Kun kutaa bulchiinsa Roomaa hin turre, yeroo Luqaas keessa, garuu akka qaama siyaasaa taokkotti Phouxoosii wajjiin walitti makamte. Booddees Pheexiroos naannoo kanatti lallabee ture (cf. 1Phex. 1:1). Fiiloo irraa koloniin Yihudootaa baay'een naannoo kana turuu isaani baranna.

**16:8 "kutaa biyya Miisiyaa"** keessa darbanii" Akka galumsa isaatti, kana jechuun "keessa darbuu" yookiin "bira darbuu" jechuu ta'uu qaba.

▣ **"Xro'aas"** Magaalaan kun Troi (Troy) ishee durii irraa maayila afur fagaatti. Kunis waggaa 400 dura hundeeffamtee hanga colonii Roomaa taatutti magaalaa Giriikii bilisa turte. Iddoo Keyyataa Miisiyaadhaa Maqedooniyaa dhaquuf irraa ka'an turte.

**16:9 "Phaawuloos mul'ata arge"** Waaqayyo yeroo baay'ee Phaawuloosiin humna Waaqummaa isaan geggeessaa ture.

1. Ifa guddaa fi sagalee Yesuusiin, 9:3-4
2. Mul'ata 16:9-10
3. Mul'ata 18:9
4. Mul'ata 9:10
5. Of wallaalanii mul'ata arguu, 22:14
6. Ergamaa Waaqayyoo 27:23

▣ **"nama maqeedooniyaa"** Phaawuloos akkamitti nama Maqeedooniyaa ta'uu isa akka hare hin beekamu. Kun ta'uu kan danda'us qooqaan, uffataan, faayaan yookiin immoo mul'atan itti hamamee ta'uu danda'a. namoonni muraasni namni kan Luqaas ta'uu danda'a jedhanii yaadu (cf. lakk 10). Kun murtoo Jiograafii isa guddaa ture. Wangeelli Awurooppaatti garagaale!

▣ **"ce'ii…nu qarqara"** Inni jalqabara raawwii ajaja agarsiisudha, hima ajaja agarsiisudha. Mul'atichi murtaa'aa fi humna kan qabu ture.

**16:10 "Nu'i"** sagalee "nu'i" jedhu yeroo jalqabaraf mul'achuu isaati. Kunis Luqaas garee tajaajilaa Phaawuloos, siilaas fi Ximotewositti makamuu isaa agarsiisa (cf. 16:10-17; 20:5-15; 21:1-18; 27:1-28:16). Namoonni tokko tokko namichi Phaawuloos lakk. 9 keessatti arge, Luqaas isa warra Ormoota keessaa Abbara qorichaa turee fi barreessaa wangeelaa fi Hojii Ergamootaa turedha jedhu.

▣ **"Maqeedooniyaa"** Giriikiin isheen haaraan akka bulchiinsa Roomaatti iddoo lamatti hiramti turte.

1. Akaayyaa, kibaran (Ateenaa, Qoronxoos, Ispaartaa)
2. Kaabaran maqedooniyaa (Filiiphisiyus, Tasaloonqee, Beriyaa)

▣ **"jennee waan fudhanneef"** Kun jecha *sumbibazō* isa jecha jechaan walitti qabuu yookiin tokkummeessuu jedhudha. Asitti hiikaa wanti ta'e kun (jechuunis Hafuurichi akka Asiyaatti lallaban isaaniif hin hayyamne, cf. Lakk. 6; Hafuurichi waa'ee Bitaaniyaa cufuu isaa, cf. Lakk 7; fi Mul'ata lakk. 9) geggeessaa Waaqayyo gara Maqedooniyaatti isan oofe agarsiisa.

▣ **"Waaqayyo nu waamuu isaa"** Kun gocha darbe kan agarsiisudha. Gageessaan haafurichaa egumsaaf utuu hin ta'in wangeela lallabuuf ture. Kunis yeroo hundumaa fedha Waaqayyooti.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 16:11-15**
**[11]Mandara xro'aasii markaba yaabbanne, kallattiidhaan saamotraagee biyya bishaan keessaa dhaqne; borumtaas mandara Ne'apooliisitti darbine. [12]Achii immoo mandara Filiphisiiyus geenye; isheen kutaa biyya Maqedooniyaa keessaa mandara beekamtuu tokko turte, qabiyyee warra *Roomaa*tti. Nu'i mandara kana keessa takka bubulle. [13]Guyyaa Sanbataatti immoo mandaricha keessaa baanee, gara qarqara lagaa, iddoo itti Yihudoonni kadhataaf walitti qabamu seene, dhaqne; teenyees dubartoota achitti walitti qabmanitti dubbanne. [14]Dubartiin uffata calaqisaa gati jabeessa gurgurtu, mandara. Tiyaatiraatti kan dhufte, amantii warra Yihudootaas kan fudhatte tokko, achi turte; maqaan ishees Liidiyaa ni jedhama. Gooftaan gura qalbii ishee baneefii waan tureef. [15]Isheen, warri mana ishee hundinuus ni cuuphaman; ergasiis, "gooftaatti amanuu koo yoo fudhattan, mana koo kottaa na biras buufadhaa!" jettee nu waamte, akka nu'i dhaqnuufis nu gadisiifte.**

**16:11 "kallattiidhaan…dhaqne"** Kun jechoota ogummaa markabaran walqabatan Luqaas fayyadamu keessaa tokko ture (cf. Boq. 27). Isaan qarqara galaanaa utuu hin ta'in karaa doonii isa kallattiidhaan yeroo hunda irra ademan irra adeeman.

▣ **"Saamootirees"** Kun biyya xiqqoo lafa bishaan gidduuti galaanni Eegan naannoo faana kuma shanii ta'a. Tiruwaasii fi Filiphinsii gidduutti argamti.

▣ **"Ne'aaphooliis"** Jechi kun "magaalaa haaraa" jechuudha. Medetiraaniyaanii keessa magaalonni maqaa kana qaban baay'ee turani. Isheen kun maayila 10 fagaattee Filiiphiisiyuusiif akka Keyyata Egnaatiyaa inni karaa guddaa warra Roomaa bahaa gara dhiyaa ture sun iddoo itti bahatti jaalachuu isaa itti dhaabu turte.

**16:12 "Filiiphiisiyuus"** Afaan Giriikiitti baray'ina agarsiisa, kun immoo qabattoonni baay'een akka magaalaa tokkootti walitti qabamuutti argamti turte. Magaalaan kun jalqabatti Qireyinidis (Boolla bishaanii) jedhamti turte. Filiiphisiyus lammaffaan inni biyya maqedooniyaa sababa kuufama warqee isheef jedhee ishee qabate maqaa ofiitti ishee moggaase.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB,NRSV** | **"magaalaa guddoo kutaa biyya Maqeedooniyaa"** |
| **NKJV** | **"kutaa biyya Maqedooniyaa gara sanaa keessaa magaalaa ishee jalqabara"** |
| **TEV** | **"magaalaa aanaa kutaa biyya Maqeedooniyaa ishee jalqabara"** |
| **NJB** | **"magaalaa guddoo aanaa sanaa"** |

Gaaleen kun beekamaa miti. Amfiiphoolis "magaalaa guddoo Maqeedoniyaa" turte. Wanti Luqaas jechuu barbarade baay'ee namoota wal morkisiiseera. Kun maqaa kabajaa ittiin barbarachisummaa ishee ibsu ta'uu danda'a.

▣ **"qabiyyee warra *Roomaa*"** Dh.K.D 42 keessa Oktaavigaanii fi Maarqos Antoonii magaalittii bukkeedhaa kasifasii fi Brutas mo'atanii turan. Yaadannoo mo'icha kanaatiif Octaviyaan Filiiphiisiyuusin qabiyyee warra Roomaa godhee loltoota isaan achi kaa'ee ture. Dh.K.D 31 keessa Antoonii fi Kile'ophaatiraa erga mo'amanii booddee Oktaviyaan loltoota dabalee achi qubachiise. Qabiyyeewwan Roomaa biroon Kakuu Haaraa keessatti caqafaman Phiisiidiyaa, Anxokiyaa, Lisxiraa, Xro'aas, Qoronxosii fi Tolemandha. Isaanis wantoota magaalonni Xaaliyaanii qaban hunda qabu ture: (1) bulchiinsa mataa isaanii (2) qaraxa hin barasan: fi (3) seeraan bu'aa addaa argatu. Phaawuloos yeroo baay'ee qabiyyeewwan Roomaa kana keessatti lallabara fi waldaa dhaabara ture.

**16:13 "guyyaa Sanbataatti"** Manni sagadaa Filiiphiisiyuus keessa hin turre. Kunis qabiyyee Roomaa waan turteef, dhiirota Yihudii ta'an 10 kan mana sagadaa qabarachuuf barbarachisan hin qabdu ta'uu danda'a.

Mul’anatti namoonni Waaqayyoon sodaaatan yookiin kan amanan jiru turan (cf. Lakk. 14; 13:43; 17:4,17; 18:7). Dubartoonni baay’een naamusa amantii Yihudootaa keessa jiruun ni booji’ama turan.

▣ **“gara qarqara lagaa”** Kun iddoo dhaabataa itti waaqessan ta’uu danda’a (seenaa durii, Yihudootaa kan Yoseefiin barreeffame 4:10-23).

▣ **“teenyees”** Kun iddoo itti barsiisi warra Yihudootaa geggeeffamu ture, garuu kun magaalaa warra Roomaa turtee, kanaaf barbarachisummaa dhabuu danda’a. Kun salphaadhumati akkaataa ibsa Luqaas fayyadamu keessaa tokko.

**16:14 “Dubartii biyya Tiyaatiraatii dhufte kan Liidiyaa jedhamtu”** Maqeedooniyaa, isheen bulchiinsa warra Roomaa jala turte magaalota biyyoota Medetiraaniyaanii jaarraa tokkooffaa keessa turan hunda caalaa dubartootaaf carraa kan laattu turte. Liidiyaan magaalaa Asiyaa ishee xinnoo keessa jirtu irraa dhufte ture (cf. Mul’ata 2:17H). Magaalittiin halluu calaqisaa qooda gosa neefkaa lafee dugdaa, hin qabne irraa hojjetamuun beekamtuu turte, kuni warra Roomaa biratti jaalatamaa ture. Magaalaa isheen jiraattu keessa manni sagadaa jira ture. Maqaan isheen bulchiisa lafaa durii kan Liidiyaa jedhamtu, iddoo itti magaalittiin argamtuu irraa kandhufedha. Isheen xalayoota Phaawuloos warra booddee keessatti maqaa kan hin dha’amneef waan duuteef ta’uu danda’a.

▣ **“amantii warra Yihudootaas kan fudhatte”** Kun kan agarsiisu warra Waaqayyoonkan sodaaatan, amantii warra Yihudootaattis kan harkifaman, garuu guutummaatti kan hin amannedha.

▣ **“Gooftaan gurra qalbee ishee baneefii”** Macaafni Qulqulluun walitti dhufeenya namaa fi Waaqayyo gidduu jiru kakuutti fakkeessa. Waaayyo yeroo hundumaa walitti dhufeenyicha jalqabsiisuu fi aaldureewwan kakuudhaaf barbarachisan haaluudhaaf qooda fudhata. Fayyinni walitti dhufeenya kakuuti. Yoo Waaqayyo godhe malee enyu illee ooluu hin danda’u (cf. Yoh. 6:44,65). 1Xim. 2:4; 2Phex. 3:9). Kanaaf kun kan agarsiisu, Waaqayyo sadarkaa tokko irratti (mul’ata uumamaan jiru, cf. Far. 19:1-6 ykn mul’ata adda ta’e, cf. Far. 19:7-14) nama hundumaa cubbuu isaa fi (cf. Rom. 1-2) amala isaaf itti fardauuf jira.

Dubbiin dhoksaa ta’e kaan dhaga’ani kaan immoo maaliif akka hin dhageenyedha! Ani dhuunfaa kootti deebiin isaa Waaqayyo warra kaan fo’atee warra kaan dhiisuuf ta’a jedhee fudhachuu in danda’u. Namni hundumtuu akka fakkeenya (cf. Uma. 1:26-27) Waaqayyotti uumame, Uma. 3:15 keessatti immoo Waaqayyoo cubbuu namaaf gatii akka barasu kakata.

Maaliif akka ta’e hubachuun keenya baay’ee barbarachisaa ta’uu dhiisuu danda’a, garuu nu’i amantiidhaan wangeela hunduma barsiifnee laphee fi sammuu warra isa dhaga’anii keessatti akka inni hojii hojjetu goona (cf Mat. 13:1-23) Phaawuloos Liidiyaatti wangeela lallabe ishee fi namoonni mana ishee keessa turanis ni dhaga’an.

**16:15 “warri mana ishee hundinuus ni cuuphaman”** Kun mul’inatti waa’ee maatii isheetii, hojjettoota ishee fi garboota isheetii dubbata (cf. Qornelewos, HoE 10:2; 11:14; fi nama Filiiphiisiyuus isa eegduu mana hidhaa ta’e, HoE 16:33). Akkasumas, isheenis akkuma warra Kakuu Haaraa keessatti caqafaman warra kaanii bataluma cuuphamuu ishee hubdhu.

Gaaffiin Ti’ooloojii lakkoofsi kun kaasu, “Fakkeenya maatidhaan amanuu Hojii Eramootaa keessa jiru kan keessa ijoolleen turaniiru?” Kun yoo ta’e, cuuphaa daa’immaniitiif Macaafa Qulqulluu keessa duraan iyyuu ragaa ta’uu kan danda’u jira jechuudha. Warri kana akka ragaatti caqasan Kakuu Moofaa keessattis ijoolleen daa’imanii wajjin saba Israa’el keessatti akka ilaalamaa turanis ni ibsu (guyyaa saddeetitti dhagna qabuu).

Kiristoositti amanuun maatii guutummaa akka ilaallatu sirriitti beekuun yoo danda’ame iyyuu, gaaffichi ni sirata, “Kun aadaa hundumaa keessatti hoii irra ooluuf haqa waliigalaatii? Kakuu Haaraan mul’ata waa’ee dandeettii wanta yaada dogoggoraa ta’ee filachuun walqabatee ta’uu isaa ibsuu nan barbarada. Namni tokko fayyisaa barbaraduu isaa hubachuu qaba. Kun immoo gaaffii dabalataatti nama geessa, “Namoonni karaa Addaam cuubamoo ta’anii dhalatumoo, erga Waaqayyoof abboomamuu didanii cubamoo ta’u?” Amantiin warra Yihudootaa yeroo ijoollummaa hamma seeraaf abboomamuu baraniitti jiru ittigaafatamummaa ala godha; dhiiraaf waggaa 13 duraaf immoo waggaa 12. Barsiisonni amantii warra Yihudootaa Uma. 3 hamma mana qulqullummaa ol kaasuu hin barbaradan.

Kakuu Haaraan Macaafa Ga'eesotaatti. Innis jaalala Waaqayyo ijoolleef qabuu ibsa. Ergaan isaa garuu ga'eessota ilaallata!

▣ **"yoo"** Kun haala agarsiisa, kunis akka ilaalcha barreessichaatti amanaa dhugaa ykn bifa gahiisuu barbaraduu isaa agarsiisa.

▣ **"Gooftaatti amanuu koo… fudhatan"** xumurri jalqabara gocha xumurame agarsiisa. Liidiyaan ergamoonni kun mana ishee fi qabeenya isheetti akka fayyadamaniif isaan afeertee (wangeelaaf akka fayyafaman). Kunis akka itti Yesuus warra torbaratamii lamaan ergetti ture (cf. Luq. 10:5-7).

▣ **"mana ko kottaa na biras bufadhaa"** Liidiyaan nama yaada ishee ibsachuu dandeessu turte. Xumurri jalqabara raawwii gochaa agarsiisa, akka ajajattis fayyada; inni lammaffaan immoo raawwii ajaja ennaa ammaa agarsiisudha.

> **BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 16:16-18**
> **[16]Gaaf tokko nuyi gara iddoo kadhataatti utuu adeemaa jirruu, xomboreen hafuura "hooda dubbaciisu" of keessaa qabdu tokko nutti dhufte; isheen hooda dubbachuu isheetiin horii baay'ee gooftota isheetiif ni galchiti turte. [17] Isheen "Namoonni kun hojjettoota Waaayo abaatii karaa fayyinaa isinitti ni himu" jettee iyyaa Phaawuloosii fi nu duukaa ni adeemti turte. [18]Kanas guyyaa baay'ee goote. Phaawuloos garuu aaree itti garagaalee hafuurichaan, "Maaa Yesuus Kiristoosiin akka ishee keessaa baatuuf, sin abbooma!" jedhe; hafuurichi achumaan ishee keessaa ba'e.**

**16:16 "gaaf tokko"** Ifatti kun guyyaa biraa ta'e, Sanbata isa itti aanu ta'uu danda'a. Kun mudannoo tasaa ture. Garuu Waaqayyoo karoora isaa raawwachuu barbarada, akkuma waan hundumaa keessatti godhu, guyyaa hundumaa.

▣ **"hafuura hooda dubachuu"** Hima kana keessa xomboree kana ibsuudhaaf jecha lamatu ira. Inni jalqabara, "hooda" jedhu Kakuu Moofaa keessa jira, garuu Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii irratti jecha biraa qaba (Lew. 19:31; 20:6,27; Kess. 18:11; Isam. 28:3,7; 2Mot. 21:8; 1Qor. 10:13). Kun nama hafuura hamaa qabu kan irra deddeebii jechootaatin, weedduudhaa, ykn taateewwan uumamaaf hiika laachuudhaan (barrisuu sinbirootiin, duummeessaan, waan siinii keessatti qabatee hafuun, tiruu bineensotaatiin fi kkf jechuudha) waan fuuldura jiru raagu yookiin hanga otkko ijjiiru jechuudha.

Akka aadaa warra giriikii kanatti jechi kun *puthōr* jedhama, kunis duudhaa Giriikootaa isa Apooloon bofa guddaa ajjesuu isaa ibsu irraa kan dhufedha. Duudhaan kun immoo sirna luboonni warra Giriikii raajii raajan geggeessan ta'e (jechunis. Delfi), kun imoo namni Waaqolii tolfamoo mari'aciisa jechuudha. Sirni kun bofa (pythons) yeroo namni waan gara fulduraa jiru beekuu fi fooyyeeffachuuf dhufu gara namaati munyuuqaniin beekama.

▣ **"hooda dubbachuu isheetiin"** Jechi kun Kakuu Haaraa keessatti iddoo kana duwwaatti argama. Hundeen jecha kanaa Macaafa Qulqulluu hiikaa Afaan Giriikii irratti "qaalluu, raagduu, nama hooda himu" Haala gaarii hin taanen ibsuuf yeroo baay'ee fayyada. Kun nama erga hooda himee miira cimaa keessa galee caraanu jechuudha. Asitti kun nama qarshiidhaan hooda himu agarsiisa. Hiikaan galumsaa fi ijaarsi jechaa xomboreen kun hafuura hamaadhaan qabamuu ishee agarsiisa.

**16:17 "iyyaa Phaawuloos… duukaa adeemti"** Kunis raawwii ammaa fi raawwii hin xumuramne agarsiisa. Isheen duukaa deemuu fi iyyuu ittuma fufte Lakk. 18).

▣ **"namoonni kun hojjettoota Waaqayyo abbarati"** Yesuus dhugaa ba'uu hafuura hamaa hin fudhatu (cf. Luq. 8:28; Marq. 1:24; 3:11; Mat. 8:29) Phaawuloosis fudhachuu hin danda'u. Jechi "Waaqayyo abbara" jedhu Uma. 14:18-19 keessatti YHWH agarsiisa, garuu aadaa Zeos (geggeessaa Waaqa tolfamoo Giriikotaa) kana

keessatti ni fayyada ture.  Hafuurri kun Waaayyoon ol qabuuf dhugaa ba'aa irra utuu hin ta'in hafuura hamaa wangeelaa wajjin walqabsiisuuf ture.

▣ **"karaa fayyinaa isinitti ni himu"** Ibsi maqaa "karaa" wajjin hin jiru.  Isheen jechaa kan turte isaan karaa baay'ee gara Waaqayyo Abbaratti geessan keessa tokko turan jechuu ta'uu danda'a.  Hafuurri hamaan kun tajaajila Phaawuloos gargaaru isaa miti.  Kaayyoon jecha kanaa (1) Phaawuloosiin raagdummaa sanaa wajjin wal qabsiisuuf (2) karaa biraa, karaa isa fayyinaa hin taane himuudhaaf.

**16:18 "Phaawuloos… aaree"** Phaawuloos gocha kana jaalalaan utuu hin ta'in mufannaadhaan agarsiise. Phaawuloosis namuma ture!  Xumurri cimaan kanaan walfakkaatu Macaafa Qulqulluu hiikaa Afaan Giriikii keessa Ecd. 10:9 dhamaatii gaddaa jechuudhaan jira.  Kakuu Haaraa keessatti asii fi 4:2 keessatti duwwaa argama. Nama baay'ee dadhabe agarsiisa.

▣ **"hafuurichaan"** Phaawuloos xomberretiitti akka hin dubbanne hubadhu, garuu hafuura hamaa ishee keessa jiruu fi ishee bitetti dubbate.  Phaawuloos akkuma Kakuu Haaraa iddoo biraatti hafuuricha abbome (maqaa Yesuusin).  Mata duree addaa waa'ee hafuura hamaa 5:16 irraa ilaali.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 16:19-24**
**[19]Gooftonni xomboree kanaa garuu, abdiin horii argannaa isaanii akka cite yeroo hubatan, Phaawuloosii fi Siilaasiin qabanii daddarbachaa gara lafa gabaatti fuula warra biyya seerataniitti geessan.  20Ergamoota sana fuula ajajjuu warra Roomaatti dhi'eessanii, "jarreen kun mandara keenya raasaa jiri.  Isaan Yihudoota, [21]Amala nyi warri Roomaa fudhachuun ittiin hojjechuunis, nuuf hin taane nu barsiisaa jiru" jedhan.  [22]Kana irratti namoonni baay'een Phaawuloosii fi Siilasiin mormuudhaaf jara kanatti dabaaltan; ajajjuuwwan warra Roomaa sunis uffata *isaani* irratti tarsaasanii, uleedhaan akka reebaniif abbooman.  [23]Rukutta baay'eedhaanis erga isaan reebsisanii booddee, mana hidhaatti isaan galchisiisan; achittis jabeessee akka isaa eeguuf, eegduu mana hidhaa abbooman. [24]Eegduun sunis ajajaa kanaa fudhatee, kutaa mana hidhaa isa gara keessatti isaan galchee, miilla isaanis jirma ulfaataa lama gidduutti hidhe.**

**16:19  "abdiin horii argachuu isaanii akka cite yommuu argan"**  "Gooftonni" kun namni hidhaa hamaatti hiikamuu isaatti dhimma hin godhanne.  Kan isaan aarse maallaqa dhabuu isaaniitti (cf. Lakk. 16).
"Phaawuloosii fi Siilaasiin qabanii"  Luqaasii fi Ximotewos maaliif akka hin qabamne beekamaa miti.

**16:20 "warra biyya seerratan"** Kun jecha warra Roomaatti *Praetors* jedhama.  Jechi aangoo isaanii ibsu *duumvirs*, jedhamee beekama, garuu barreeffamoota jiran irraa kan barannu baay'een praetors jedhamuu akka barbaradanidha.  Luqaas jechoota aangoo warra Roomaa agarsiisan dogoggora malee fayyadamuu nama dnada'uudha.  Kunis ragaa nama seenaa ta'uu isaa agarsiisan keessaa tokko.

**16:20,21 "isaan Yihudoota…nuyi warri Roomaa"**  Kun sanyii isaaniin boowu isaanii fi jibba isaan qaban agarsiisa.  Yihudootaa Roomaa keessaa ari'uudhaaf, ajaja baraseen walitti dhiyoo ta'u danda'a, Dh.K.B 49-50. (Inni waaqeffannaa Yihudootaa kam iyyuu dhowwee ture).  Faallaa warra seem ta'uun warra Roomaa barreeffama *Pro Fiasco* 28 fi *Javenol* 14:96-106 keessatti arguun ni danda'ama.

▣ **"amala nuyi warri Roomaa fudhachuu, ittiin hojjechuunis nuuf hin taane barsiisaa jiru"** Hubadhu: himanni kun xomboree sana keessaa hafuura hamaa barasuu wajjin homaanu wal hin qabatu.  Ifatti kunkan walqabatu wangeela Kiristoos Yesuus lallabuu isaaniitiini.  Amantiin warra Yihudootaa impaayera Roomaa keessatti amantii seera-qabeessa ture, kiristaanummaan garuu adda ba'ee ilaalame, kanaaf seera ala ta'ee fudhatame.  Warra Roomaa amansiisuu yaaluun seeraan ala ture, kanaaf Phaawuloosiifis seeraan ala.

**16:22 "uffata *isaanii* irratti tarsaasanii, uleedhaan akka reebaniif abbooman"** Addabbiin gosa kanaa (verberatio, geggeessitoota mana murtii magaalaatiin kan kennamudha) akka addabbii warra Roomaatti hamaa int turre. Meeqa akka reebaman hin himamne. Phaawuloos haala kanaan yeroo sadii reebameera (cf. 2Qor. 11:25). Kana duwwaatu galmaa'e (cf. 1Tas. 2:2).

**16:24 "kutaa mana hidhaa isa gara keessaa"** Kana jechuun eegumsa ol-aanaa jechuudha. Iddoo kanatti sodaa argina (cf. Lakk. 29). Phaawuloos hafuura hamaa barasuun isaa isaan biratti beekame.

▣ **"miila isaaniis jirma ulfaataa lama gidduutti"** Manni hidhaan bara sanaa baay'een isaa funcaa keenyaatti gabate kan hidhamtonni ittiin hihdaman qabu. Jirmoonni kun immoo miilla addaan bal'isanii dhiphinaa fi eegumsa cimsu.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 16:25-34**

**[25]Gara harkaan malakkaatti Phaawuloosii fi Siilaas Waaqayyoon kadhatanii faarfatan; warri hidhaman immoo isaan ni dhaggeeffatu turan. [26]Dingatas hammahundeen manicha hidhaa raafamutti socho'I lafaa guddaan ta'e; achumaan balbaloonni manicha hidhaa hundinuu banamanii, hidhaan warra hidhamanii hundinuus ni hiikaman. [27]Namichi mana hidhaa eegu sun wereeree hirribaa dammaqee, balbalonni mana hidhaa anamuu yemmuu argee, warri hidhaman waan sokkan se'e; kanaafis billaa isaa luqqifatee of ajjeesuu barbaade. [28]Phaawuloos garuu sagalee guddaadhaan, "Waa of hin godhin! Nuyi hundumti keenya as jirra" jedhee itti iyye. [29]Inni mana hidhaa eegu sun ibsaa maammatee olfiigee, rom'aa miilla Phaawuloosii fii Sillaasitti kufe. [30]Gadis isaan baasee, "Ani akkan fayyuuf maal gochuutu anaaf ta'a? gooftolii koo" jedhee isaan gaafate. [31]Isaan immoo, "Gooftaa Yesuusitti amani, ati ni fayyita, maatiin kees ni fayyu" jedhanii deebisaniif. [32]Isaan dubbii Gooftaa namichatti, warra mana isaa keessa jiran hundumattis ni himan. [33]Halkanuma sanas ofitti isaan fuudhee madaa isaanii irraa dhiqe; inni yeroodhuma sanatti nama isaa hundumaa wajjin ni cuuphame. [34]Phaawuloosii fi Siilaasin mana isaatti geessees nyaata isaanifi dhi'eessissiises inni nama isaa wajjin Waaqayyotti waan amaneef, guddaa ni gammade.**

**16:25 "gara halkan walakkaatti"** Isaan sababa reebichaa fi jam asana irraa kan ka'e dhukkubbiin itti dhaga'ameef raafuu dadhabara ta'uu danda'a.

▣ **"Waaqayyoon kadhatanii, faarfatan"** Akka Ti'olojiiti qabiyyeen kadhannaa fi faarfannaa sanaa hidhmtoota warra kaan akka Kiristoositti amana godheera ta'uu danda'a (jechuunis isaa hidhamtoota keessa yeroo sochiin lafaa balbala mana hidhaa bane tokko illee kan miliqe hin turre (cf. Lakk. 26,28, "nuyi hundumti keenya as jirra")

▣ **"hidhamtoonni sun dhageeffachaa turan"** Himni kun hima gochaa hin xumuramne agarsiisuudha, kunis walitti fufiinsaan Phaawuloosii fi Siilaasiin dhaggeefachaa turuu isaanii agarsiisa. Xumurri epakroaomai jedhu Kakuu Haaraa fi Macaafa Qulqulluu Afaan Giriikiin barreeffame keessatti baay'ee hin jiru. Isaam. 15:22 keessatti gammachuudhaan sirriitti dhaggeeffachuu agarsiisa. Hidhamtoonni waan jireenya isaaniif abdii ta'u hin qabne kun ergaa jaalala Waaqayyoo, eegumsaa fi waamicha isaa of keessaa qabu kana dhaga'anii fudhatan.

**16:26 "socho'a lafaa"** Kun taatee uumamaa ture, garuu kaayyoo Waaqayyootiin yeroo barbaradamutti bu'aa fide (cf. Mat. 27;51,54; 28:2). Waaqayyo ergamaa isaa ergee Pheexiroosiin mana hidhaatii barase (cf. 4:31). Asitti garuu taateen kun akka Phaawuloosiif hidhamtootaa fi eegdota mana hidhaatti wangeela lallabuuf carraa uumuuf filatame.

**16:27 "Billaa"** Kun billaa xinnoo qara lama qabu qabatoo keessa kan ka'atamtu turte, baca araa fakkaatu qabas ture. Kun immoo meeshaa ittiin warra lammii Roomaa ta'an irratti ittiin murtoo du'aa raawwatan ture. Eegduun mana hidhaa utuu hidhamtoonni miliqanii qooda isaanii adabama ture (cf. 12:19).

**16:28** Phaawuloos hidhamtoota sana irraan dhiibbara cimaa geessisee ture!

**16:29 "ibsaa waamatee"** Inni ibsaa baay'ee waamate ture. Kun immoo hidhamtoonni warri biroon jiraachuu isaanii agarsiisa.

**16:30 "ani akkan fayyuuf mala gochuutu anaaf ta'a?"** Kun immoo (1) sodaa Waaqaa fi (2) Gooftaa wajjin nagaan barbaraduu namaa agarsiisa! Inni nagaa Phaawuloosii fi Siilaas qaban sana barbarade, isaan haala dhukkubii fi namatti hin tolle kana keessatti illee nagaa qabu ture. Hubadhu, namni kun akkuma nama baay'ee amantii hojii irratti hundaa'e hubate.

**16:31 "Gooftaa Yesuusitti amani"** Xumurri *Pisteuō* jedhu "amanannaa" "amantii" ykn "amanuu"tti hiikamuu danda'a. Deebin kun harka caalaa amantii murtuu qabu agarsiisa (cf. 10:43). Akkasumas kun doctiriinii ykn sirna barsiisa amantii utuu hin ta'in dubbii namaa amanuu agarsiisa. Namni kun Yihudii hin turre (cf. Ninevites joneh keessatti). Amma ammaatti fayyina guutuu barbaraduu baay'ee salphaa fi yeroo hundumaa wal fakkaataadha! Kun guduunfaa ifaa fi qabara wangeelota Kakuu haaraa keessa jiraniitti. Hojiin isaa qalbii diddiirachuu isaa mul'isa ture.

▣ **"ati ni fayyita, maatiinkees ni fayyu"** Addunyaa durii keessatti amantiin geggeessaa manaa tokko amantii miseensa manichaa hundumaa ture (cf. 10:2; 11:14; 16:15; 18:8). Kun sadarkaa naam tokkootti hammam akka hojjechuu danda'u beekamaa miti, garuu hamma tokko amantii dhuunfaas kan hammatu ture. Booddees Phaawuloos ergaa guutummaa wangeelaa eegdichaa fi maatii isaatti lallabe (cf. Lakk. 32).

**16:33 "inni yeroodhuma sanatti nama isaa hundumaa wajjin ni cuuphame"** Kun barbarachisummaa cuuphaa agarsiisa. Hojiin Ergamootaa ammaa amma irra deddeebi'ee ibsa. Yesuus kana raawwateera (cf. Luq 3:21). Fakkeenyonni Hojii Ergamootaa keessatti cuuphaan batala amananitti ta'uu isaa ibsaniinis kun walsimataadha (cf. HoE. 10:47-48). Kana jechuun cuuphaan Yesuus Kiristoositti amanuu isaanii hawaasa keessatti kan mul'isu ture.

**16:34 "nama isaa wajjin Waaqayyotti waan amaneef guddaa ni gammade"** Xumuroonni lamaan qeenxee waan ta'aniif eegdichu duwwaa agarsiisu. Garuu, ibsi maqaa maatiin isaa fi hojjettoonni isaa hammatamuu isaanii agarsiisa.

Xumurri hima kanaa "amaneef" jedhu gocha raawwate agarsiisa.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 16:35-40**

**[35]Lafti bariinaan ajajuun warra Roomaa, "jar asana gadhiisi!" jedhanii namicha mana hidhaa eegutti akka himaniif itti ergan. [36]Kana irratti namichi, "Ajajuun warra Roomaa akka gad hiifamtaniif nutti erganiiru; kanaafis amma gad ba'aatii karaa nagaa adeemaa!" *jedhee* kana Phaawuloositti beeksise. [37]Phaawuloos garuu "jarri kun nuyi warra Roomaa taanee utuma jirruu, firdii malee mul'inatti nu reebanii mana hidhaatti nu galchan; amma immoo dhoksaatti gad nu baasuu? Kun hin ta'u isaanumti ofii isaanii dhufanii nu haa geggeessan malee" jedhe. [38]Warri ergamanis yemmus, dubbii kana ajajoota warra Roormaatti ni himan; ajajjoonni warra Roomaa Phaawuloosii fi siilaa warra Roomaa ta'uu isaanii yommuu dhaga'an ni sodaaatan. [39]Kanaafi dhaqanii isaan sossoban; takka isaan geggeessanii mandara isaaniitii akka ba'aniif isaan ni kadhatan. [40]Phaawuloosii fi Siilaas *mana* hidhaatii erga ba'anii, mana Liidiyaa dhaqan; obbolootas arganii, dubbii jajjabinaatiin isaan gorsanii, achii adeemna.**

**16:35 "itti ergan (poolisoota)"** kana jechuun "nama ulee baratu" jechuudha (*hrabdouchosta lcctor*). Kun warra naamusa seeraan egsiisun agarsiisa (cf. v. 20). Paartiin "Faashistii" xalayaanii maqaan isaanii kana irraa moggaafame. Hidhaan uleewwan kanaa mallattoo aangoo siyaasaatti.

**16:37 "warra Roomaa"** Filiiphiisiyuus qabiyyee warra Roomaa mirgoota seeraan kennamaniif baay'ee qabdu turte. Kun immoo gochi haqa irratti hin hundoofne lammiiwwan Roomaa irratti raawwatamuu isaatiif isaan adabiisuu danda'a ture; utuu dhaga'ame. Lammii warra Roomaa Yeebuun dhiittaa mirga qabiyyee warra Roomaa ta'uu isaaniittiin qabanii isa guddaadha (cf. lakk. 39).

**16:39** Kaayyoon mormii Phaawuloos waldaa Filiipiisiyuu ishee haaraa eeguu fi isaan biratti beekamtii argachuuf ture. Hojiin geggeessitoota sanaa wangeela lallabuun seeraan ala akka hin taane agarsiisa! Fiiliiphiisiyus keessatti gara fuulduraati wangeela lallabuudhaaf balballi banaa ture.

**16:40 "achii deeman"** ifatti kun kan mul'isu Luqaas achi turuu isaati. 20:5-6 keessatti illee asumatti isa agarra.

## GAAFFIIWWAN MARII

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoo tokkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiika laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuu sirrii miti.

Gaaffiiwwan marii kun dhimmoota gurguddoo macaafa kanaa yaaduuf akka si gargaaruuf kenname. Isaan kun yaada kan kaasan malee kan ibsan miti.

1. Hafuurri Qulqulluun maaliif Hafuura yesuus jedhame?
2. Gooftaan maaliif tajaajiltoonni kun mormii fi qoramsa keessa akka darban godhe?
3. Phaawuloos maaliif dhugaa ba'uu xomboreetti hin fudhanne?
4. Namoota Filiiphiisiyuusitti fayyan tarreessii
5. Maaliif Phaawuloosii fi Siilaas duwwaan hidhaman?
6. Hidhamtoonni warri kaan maaliif hin bane (miliqne)?
7. Elemantoota (tuqaawwan) fayyinaa boqonnaa kana keessatti caqafaman tarreessi. Warra boqonnaawwan Hojii Ergamootaa warra kaan keessaa jiran irraa adda ni ba'uu?
8. Eegduun mana hidhaa sun mantii warra Yihudootaa ykn kiristiyaanummaa wajjin seenaa walqabatu qabara?
9. "Maatiin isaa fayyan" jechuun maal jechuudha?
10. Phaawuloos aanga'onni magaalitti akka dhiifama gaafatan maaliif godhe?

# HOJII ERGAMOOTAA 17

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRTTI HUNDAA'E

| UBS$^{4}$ | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Rakkina Tsalonqeetti isaanitti dhufe | Tasalonqeetti Kiristoosiin lallabuu isaanii | Tasalonqee Ateenaa adeemuu isaanii | Tasalonqee keessatti | Tasonqee Rakkina Yihudootaa dhufe |
| 17:1-9 | 17:1-4 | 17:1-9 | 17:1-4 | 17:1-4 |
| | Rukkuttaa mana Yaason irra ga'e | | | |
| | 17:5-9 | | 17:5-9 | 17:5-9 |
| Ergamoota Beeriyaatti | Beeriyaatti tajaajiluu isaanii | | Beeriyaa keessatti | Rakkina haaraa Beeriyaatti isaan argate |
| 17:10-5 | 17:10-15 | 17:10-15 | 17:10-15 | 17:10-12 |
| Phaawuloos Ateenaatti | Barssota ogummaa biyya lafaa qoran Ateenaatti | Phaawuloos Ateenaatti | Ateenaa keessatti | Phaawulos Ateenaa keessatti |
| 17:16-21 | 17:16-21 | 17:16-21 | 17:16-21 | 17:16-21 |
| | Warra Aariyo Phaagositti dubbachuu isaa | | | |
| | 17:22-34 | 17:22-31 | 17:22-31 | 17:22a |
| | | | | Phaawuloos walitti qabama Aariyo Phaagositti dubachuu isaa |
| 17:22-28a | | | | 17:22b-23 |
| | | | | 17:24-28 |
| 17:28b-31 | | | | |
| | | | | 17:29 |
| | | | | 17:30-31 |
| 17:32-34 | | 17:32-34 | 17:32-34 | 17:32-34 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A Guid to Good Bible Reading" irraa fuula vii)**
*SADARKAA KEEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HORDOFUU*

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluutti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkon tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuu sirra hin jiraatu.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Galummoowwan adda baafadhu. Hiikaa gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan hiruun dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo giddu-galeessa hiikichaati. Tokkoo tokkoon keeyyataa gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata tokkooffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. kkf

**HIIKAA GALUMSAA**
Toorii gabarabara waa'ee ergaa Phaawuloos gara Giriikota warra baratan Ateenaa jiraniitti (17:15-34). Kun HoE 14:15-18 wajjin wal-fakkaata.

A. Waaqa tokkotu jira, uumaa Waaqaa (hafuura) fi lafaa (maatarii)
    1. kan warra isaan tuffatanii
    2. isa manaa fi iddoo waaqeffannaa namni ijaaru keessa hin teenye
    3. isa namairraa hoomaa hinbarbaranne
    4. jireenyi dhugaan isa duwwaa irraa kan argamu.

B. Inni seenaa namaa hundumaa to'ata
    1. saba hundumaa nama tokko irraa uume
    2. daangaa biyyootaa kan dhaabu.

C. Inni nama keessa fedha isa beekuu kaa'eera, isa argachuunis ulfaataa miti.

D. cubbuun isa irraa adda nu baase.
    1. Inni cubbuu yero irra daddarbara keenyaa nuuf dhiise.
    2. Qalbii diddiirachuu qabna

E. Inni uumama isaatti ni murteessa.
    1. Guyyaan firdiif kaa'ame jira
    2. Firdiin karaa Masihichaa raawwatama
    3. masihiin kun ofii isaa fi hojii isaa mirkaneessuuf warra du'an keessaa kaafameera.

**MAGAALAA TASALONIIQEE**

A. Seenaa Tasaloniiqee gabarabaratti
    1. Tasaloniiqeen fuuldura galoo galaana Termiyaakitti argamti ture. Tasaloniiqeen magaalaa qarqara galaanaa Viyaa Ignashia (karaa biyyootaa) karaa guddaa warra Roomaa irratti Roomaa irraa gara bahaatti

argamti ture. Keyyata galaanaa waan turtee, lafa gabataa fi sirriitti bishaan qabu isa qarqara galaanaa jirutti baray'ee dhiyoo turte. Bu'aawwan kun sadan Tasaloonqee Maqedooniyaa keessaa giddu gala daldalaa fi siyaasaa ishee guddoo fi baray'ee barbaradamtu ishee godhe.

2. Jalqabatti bishaan hoo'aa naannoo sanatti argamu irraa ka'uudhaan Tasalonqeen Termaa jedhamti ture. Namni seenaa durii, pilinii angafichi, Termaa fi Tasalonqee akka walitti jiranitti ibsa. Yoo akkas ta'e, salphaadhumatti Tasaloonqeen Termaa marsitee qabattees ture (Lion Morrie, *The First and Second Episzles to the Thessalonians*", Grand Rapids: Wm.B Mana Maxxansaa Eerdmans, 1991, ful. 11). hanaga ammaatti abboonni seenaa baray'een akka amananitti Kassandar, jeneeraalota Alesaandar guddichaa keessaa tokko kan ture, Temaa Dh.K.D 315tti cutala filiipiisiyuus nama Maqeedoniyaa, Alesaandiriif obboleettiitti kan ooltuu fi haadha manaa isaas kan turtetti Tasalonqe (Istrabo VII kutaa 21) jedhee moggaase. Jaaraawwan kiristiyaanummaan itti babal'achaa ture tokko keessa Tasalonqeen maqaa idilee hin taane "magaalaa Ortodosii" jedhamtee sababa amala kiristiyaanummaa isheetiif waamamtee turte (Dean Farrar, "*The Life and Work of St. Paul*" Niwyork: Kasellii fi Kaampaanii, kan murtaa'e, 1904, ful. 364). Har'a Tasalonqeen salonika jedhamtee beekamti, hamma ammaattis Giriikii keessatti magaalaa murteessitudha.

3. Tasalonqeen akkuma Qoronxoos magaalaa namoonni biyyoota garaa garaa irraa dhufan keessa jiraatanii fi magaalaa baray'ee hoo'ituu fi murteessituu turte.
   a. namoonni Barbar Jarman kaaba irraa dhufan achi jiraataa turan, isaan Waaqoolii tolfamoo isaaniis fidanii dhufanii turan.
   b. Giriikonni Akaayyaadhaa dhufanii achi jiraataa turanis, Akayyaa gara kibbara fi biyya galaana Esiyaan keessaa irraa yaadaa fi falaasama isaanii fidanii dhufunii turan.
   c. Namoonni Roomaa kibbara irraa dhufanis achi qubatanii turan. Harki caalaan isaanii loltoota Soorama ba'an turan, isaanis fedha qabeenyaa fi aangoo siyaasaa isaanii fidanii dhufanii turan.
   d. Dhuma irratti, Yihudoonni baha irraa baray'inaan dhufan, booddees harka sadii keessaa harki tokko Yihudoota turan. Isaan Waaqa tokkotti amanuu isaanii fi amala akka sabaratti qaban fidanii dhufan.

4. Tasalonqeen baray'ina ummataa 200,000 kan qabduu fi dhugaatti namoonni aadaa fi seenaa addaa qaban kan keessa jiraatani turte. Isheenis giddu gala boqonnaa fi tajaajila fayyaa itti argatan turte, sababa bishaan ho'aa qabduuf. Sababa Keyyata galaanaa turteef, biyyoo gabbataa qabduuf fi karaa Ignaashiyaatti dhiyoo turteef gidduu gala daldalaa turte.

5. Magaalaa gudditii fi bal'oo waan turteef, Tasalonqeen giddu gala teessoo siyaasaa kutaa biyyaa maqedooniyaa turte. Magaalaa guddoo qabiyyee warra Roomaa waan turteefi lammiiwwan Roomaa baray'ee kan keessa jiraatan waan turteef (baray'inaan loltoota saorata ba'an), magaalaa bilisa taate. Tasalonqeen sababa jiraatonni ishee lammii Roomaa ta'aniif seera warra Roomaatiin bulti ture qaraxas hin barastu. Kanaaf geggeessitoonni Tasalonqee "politarchs" jedhamu ture. Mogaasi aangoo kun barreeffama kan biraa keessatti hin argamu, garuu barreeffama marsaa kabaja mo'icha waraanaa Tasalonqee jiru kan (Vardar Gate" (Farrar, ful. 371n) irratti galmaa'ee jira.

B. Taateewwan Phaawuloos gara Tasalonqee akka dhqabuu godhan

1. Taateewwan baray'een Phaawuloosiin gara Tasalonqeetti ofanii turan, haalota qabatamoo ta'an keessaas inni tokko waamicha kallattii ifatti Gaafataadhaan ta'ee fute. Phaawuloos jalqabtti aardii Awurooppaa lixuudhaaf karoora hin qabu ture. Adeemsa isaa isa lammaffaa kana irratti hawwii isaa waldoota adeemsa isaa isa duraatiin Asiyaa xinnitti keessatti dhabamana ilaalee gara bahaatti deebi'uu ture. Garuu, akuma gara kaaba bahaatti deebi'uun ga'een Waaqayyo balbaloota cufuu jalqabe. Baray'ee murteessaa kan ture mul'ata Phaawuloos waa'ee maqedooniyaa arge ture (cf. HoE 16:6-10). kun immoo wanti lama akka ta'u godhe. Jalqaba, ardii Awurooppaatti lallabame lammaffaan immoo, Phaawuloos saabii haalota Maqeedoniyaa turaniif xalayoota isaa barreessuu jalqabe (Tomaas karter, "*Life and letters of Paul*", nashiville; Koksibarii Press, 1921, fuula 112).

2. Haalota qabatamoo Phaawuloosiin gara gara Tasalonqeetti geessan
   a. Phaawuloos filiiphiisiyuus, gara mgaalaa, iddoo sagadaa hin qabnee dhaqe. Achitti hojiin isaa gooftolii xomboree hafuura "hooda" himuu qabduu fi mana maree magaalittii irraa guufuu mudate. Phaawuloos reebamee saophifame, garuu waldaan ni dhabate. Sababa mormii fi addabbii qaamaatiifn Phaawuloos akka ba'u dirqisiifame, kunis hanga turuu barbaradu utuu hin turin ta'uu danda'a.

b. Achii eessa dhaquu dnada'a ture? Amfiiphoolisii fi Apholonyaa keessa darbee isaanis mana sagadaa hin qaban ture.
c. Magaalaa guddittii naannoo sana,a Tasalonqee, ishee mana sagadaa qabduu dhufe. Phaawuloos duraan dursee Yihudoota naannoo sanaa bira dhaquuf karoorfate. Sababiin inni kana godheef
   (1) Kakkuu Moofaa waan beekaniif;
   (2) Carraa barsiisuu fi lallabara mana saadaa sanatti fayyadamuuf;
   (1) Saba Filatamoo fi saba Kakuu Waaqayyoo waan turaniif (cf. Mat. 10:6; 15:24; Rom. 1:16-17; 9:11);
   (2) Yesuus jalqaba ofii isaa isaaniif kenne, kanaaf Phaawuloos fakkeenya Kiristoos hordofuu qaba ture.

**WARRA PHAAWULOOSII WAJJIN TURAN**

A. Phaawuloos Tasalonqeetti Siilaasii fi Ximootewosii wajjin ture. Luqaas Filiiphisiyusitti Phaawuloosii wajjin turee Achitti hafe. Kanas barreeffamoota Hojii Ergamootaa 16 fi 17 keessatti “nuyi” fi “isaan” jedhan irraa baranna. Luqaas Filiiphiisiyusitti “nuyi” jedhee hasa'a yeroo Tasalonqeetti darban garuu “isaan” jedha.

B. Siilaas, ykn Silvanas, nama Phaawuloos erga bararnaabarasii Yohaannis Maarqoos Qophrositti deebi'anii booddee akka wajjin adeemuuf ofitti fudhate ture.
   1. Inni yeroo jalqabaraf Macaafa Qulqulluu keessatti HoE 15:22, irratti maqaa dha'ame, asitti miseensota waldaa Yeruusaalem keessaa geggeessaa jedhame waamame.
   2. Innis raajii ture (HoE 15:32)
   3. Akkuma Phaawuloos lammii warra Roomaa ture (cf. HoE 16:37)
   4. Inni fi Yihudaa inni “Bararnaabaras” jedhamu waldaa Yeruusaalemiin haalicha akka qorataniif Anxookiyaatti ergamanii turan (cf. HoE 15:22,30-35)
   5. Phaawuloos 2Qor. 1:19 keessatti isa galateeffata, xalayoota baray'ee keessatti maqaa isaa kaasa.
   6. Booddees Pheexiroosii wajjin ergaa Pheexiroos isa duraa barreessuu keessatti qooda fudhateera (1Phex. 5:12)
   7. Phaawuloosii fi Pheexiroos Silvanas jedhanii waamu, Luqaas garuu Silaas jedhee waama.

C. Ximootewoosis nama Phaawuloosii wajjin adeemaa tuee fi hojjetaa turedha.
   1. Phaawuloos Lisxiraatti isa quunname, inni yeroo adeemsa isa jalqabara asitti amane ture.
   2. Ximootewos walakkaa Giriikii (abbaradhaan) walakkaa immoo Yihudii (haadhaan) ture. Phaawuloos Omrootatti wangeela lallabuudhaaf isa wajjin hojjechuu barbarade.
   3. Akka inni Yihudootaa wajjin hojjechuu danda'uufis Phaawuloos dhagna isa qabsiise.
   4. Seensa 2Qoronxoos, Qolaasiyaas, 1 fi 2 Tasalonqee fi Filemon keessatti maqaa dha'ameera.
   5. Phaawuloos “amantiidhaan ilma koo” jedhee dubbata (cf. 1Xim. 1:2; 2Xim. 1:2; Tit. 1:4).
   6. Haalli waligalatti Phaawuloos Ximootewositti dubbatu inni Phaawuloos irra ijoollee fi nama sossodaaatu ta'uu isaa agarsiisa. Garuu Phaawuloos amanannaa fi jajjabina guddaa isa irraa qaba ture (cf. 19:27; 1Qor. 4;17; Fil. 2:19).

D. Namoota Tasalonqee dhufanii ergama isaa isa booddee irratti Phaawulooii wajjin turan. Isaan kun Arisxaarkos (HoE 19:29; 20:4; 27:2) fi Sekundos (HoE 20:4) turan. Akkasumas Deemaas Tasalonqee irraa ta'uu danda'a (Filem. 24; 2Xim. 4:10).

**TAJAAJILA PHAAWULOOS MAGAALICHA KEESSATTI**

A. Tajaajilli Phaawuloos Tasalonqee keessaas akkuma yeroo kaanii dura warra Yihudootaa bira deemuudhaan booddees gara warra Ormootaa dhaquudhaan ture. Phaawuloos guyyaa Sanbataa sadii mana sagadaatti lallabe. Ergaan isaa “Yesuus Masihicha” kan jedhu ture. Innis Masihichi Masihii dhuphachuuf jiru malee Masihi siyaasa yerootiif dhufu akka hin taane isaanitti agarsiisuuf Kakuu Moofaa

fayyadamee (cf. Uma. 3:15; Isa. 53). Phaawuloos waa'ee du'aa ka'uu fi fayyina isa hundumaaf kennamees jabeessee darbe. Yesuus Masihicha isa dur kakatame ta'uun isaa mul'inatti ibsame.

B. Deebiin ergaa kanaas Yihudoonni muraasni, Ormoonni baray'eeniii fi dubartoonni barbarachisoo baray'een Yesuusiin akka fayyisaa fi Gooftaa isaaniitti fudhata. Qorannoon amantoota kanaa xalayoota Phaawuloos booda waldoota kanatti erge hubachuu keessatti baray'ee bu'a qabeessa.

C. Xalayoota lamaan keessatti Kakuu haaraa caqasuun dhibuun isa miseensonni walda akanaa harki caalana Omroota ta'uu isaanii nu agarsiisa. Ormoonni sababa baray'eedhaaf yesuusiin akka fayyisaa fi Gooftaa isaaniitti fudhatan.
   1. Amantiiwwan aadaa isaanii amanannaa hundee hin qabnee fi dadhaboo turan. Warri Tasalonqee jala gaara Olimpasitti waan argamaniif gubbaran isaa duwwaa akka ta'e beeku tura (Giriikii keessatti Waaqolii tullu kana irra jiraatu jedhamee amanama ture).
   2. Wangelli hundumaaf bilis ture.
   3. Kiristaannummaan sanyii warra Yihudootaa duwwaa kan ilaalatu hin turre. Sababa Waaqa tokkichatti amanuu fi naamusa keessa jiruutiin amantiin warra Yihduootaa namoota baray'ee harkisaa ture, garuu sababa sirna nufisiisaa (kan akka dhagna qaban) fi sanyii fi hiyyummaan kan walqabatu waan tureef namoota baray'ees of irraa dhiibara ture.

D. Sababa amantii filatan hordofuudhaadh danda'aniif "dubartoonni geggeessitoota" turan baray'een kiristiyaanummaa fudhatanii turan. Maqeedooniyaa fi Asiyaa xinnittii keessatti biyyoota bara Giriko-Roomaa warra kaan caalaa bilisa turan. (Sir. wm. M Ramsay. *St. "Paul the Traveller and Roman citizen*" New York: G.P.Putnamissons, 1896, p. 227). Garuu dubartoonni warri hiyyeessonni bilisa ta'an illee, dhiibbara amantii hundee hin qabnee fi Waaqolii tolfamoo jala tuan (Ramsay fuula 229).

E. Yeroo Phaawuloos Tasalonqee turetti baray'een isaanii rakkina arganiiru.
   1. HoE 17:2 Phaawuloos yeroo Tasalonqee ture Sanbata sadiif barsiisuu isaa dubbata.
   2. 1Tas. 2:7-11 waa'ee bultoo isaatiif hojjechuu Phaawuloos dubbata. Kun dunkaana hodhuu ykn akka namoonni muraasni ibsanitti hojii gogaa hojjechuu ture.
   3. Fil. 4:16 immoo Phaawuloos achi turuu isaa, Phaawuloos Yoo xinnaate ala lama gargaarsa maallaqaa waldaa Filiiphiisiyus irraa yeroo Tasalonqee ture fudhachuu isaatiin mul'isa. Fageenyi magaalota lamaan gidduu ture maayila 100 ture. Namoonni muraasni Phaawuloos gara ji'a lamaa ykn sadii'ii achi turuu isaa fi guyyoonni Sanbataa sadan tajaajila Yihudootaaf kenname duwwaa akka agarsiisan dubbatu (shepare, fuula 165).
   4. Garaa garummaan amantootaa HoE 17;4 fi 1Tas. 1;9 fi 2;4 keessa jiru yaada kana deggeera, garaagrummaan isaanii inni guddaan warri Ormootaa Waaqolii tolfamoo dhiisuun isaaniitti. Hojii Ergamootaa keessatti Ormoonni Yihudootaa warra amantiinii fi Waaqolii tolfamoo irraa deebi'aniidha. Galumsi kun kan agarsiisu Phaawuloos Omroota warra amantii hin qabne keessaa tajaajila guddaa qabarachuu isaati warra Yihudootaa caalaa.
   5. Phaawuloos yeroo hundumaa duraan dursee warra Yihudootaa bira waan dhaquuf tajaajilli guddaan kan yoom akka dhaabame beekamaa miti. Erga isaan ergaa isaa harkaa fudhachuu didanii gara warra ormootatti deebi'e. Yeroo isaan baray'inaan wangeellatti amanan, Yihudoonni haaranii namoota gita hawaasaa warra gadi aanoo irratti mormii jalqaban.

F. Sababa mormiitiif Phaawuloos mana Yaason dhiisee Ximootewosii fi Siilaasii wajjin dhokate, ykn yoo xinnaatee xinnaate isaan yeroo gurmuun sun mana yaasan cabsanii isaan barbaradanitti achi hin turre. Aanga'oonni warra Roomaas Yaason akka eegumsa argatu godhan. Kun akka Phaawuloos halkaniin magaalitti gadi dhiisee gara Beriyaa deemu godhe. Garuu, waldaattiin mormii guddaa keessatti waa'ee Kiristoos dhugaa ba'uu ittuma fufte.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 17:1-9**

**[1]Mandaroota Amfiipholiisii fi Apholonyaa darbaniis, gara mandara Tasalonqee, iddoo manni sagadaa warra Yihduootaa ture dhufa. [2]Akkuma amala isaa Phaawuloos mana sagadaa sanatti ol lixee, Sanbata sadiis dubbii Macaafa Qulqulluu isaaniin dudubbachaa ture. [3]Achumaan dubbicha isaanii ibsaa, Masihiin dhiphachuun, warra du'an keessaas ka'uun isaaf ni ta'a akka ture, macaaficha keessaa dhugaa itti barase. Akkasumas "Yesuus inni ani isinitti labsu kun immoo Kiristoos masiihicha" ni jedhaan ture. [4]Isaan keessaa kaan, Giriikota warra Waaqayyoon sodaaatan keessaa danuun, dubartoonni beekamoon mandara sanaas baray'een, dubbii isaa fudhatanii Phaawuloosii fi Siilaas duukaa goran. [5]Yihudoonni garuu isa kana hinaafanii, namoota hamoota hojii malee laban ofitti dabalan; waca kaasani mandaricha guutummaatti yaasan. Phaawuloosii fi Siilaasiin gara tuuta jaraatti gad buusuudhaaf, mana namicha Yaason jedhamuu cabsan. [6]Phaawuloosii fi Siilaasiin achii dhabaman, yaasoniin amantoota keessaas kaan gara yaa'ii mandarichaatti harkisanii, "Jarreen kun lafa dhaqan hundumaatti biyya garagaalchu; amma immoo mandara keenya dhufan. [7]Yaason immoo mana isaatti isaan sime; hundumti isaanii "Yesuus kan jedhamu mootiin kan biraan jira' jedhanii iyyan. [8]Kana jechuudhaanis saba achitti walitti qabamee fi, yaa'ii mandarichaa warra kana dhaga'an, ni raasan. [9]Warri yaa'iis Yaasonii fi warra isaa wajjin qabaman, qabsiisa harkaa fuudhanii gad isaan dhiisan.**

**17:1 "Amfiipholiisii fi Apholonyaa darbaniis"** Magaalaan kun lamaan karaa Ignashiyaa, karaa guddaa warra Roomaa bahaa gara dhihaatti maayila 500 ol deemu, kun immoo impaayericha gama bahaa fi dhihaa kan wal qunnamsiisuu fi karaa Tasalonqee isa guddaas ture.

▣ **"Tasalonqee"** Itti lixa boqonnaa kanaa ilaali.

▣ **"iddoo manni sagadaa warra Yihudootaa ture"** Kun adeemsa Phaawuloos labsiidhaaf hordofaa ture (cf. Lakk. 2:3:26; 13:46; Rom. 1:16; 2:9,10; HoE 9:20; 13:5,14:1; 17:2:10,17; 18;4,19; 19:8). Wangeelli jalqaba Yihudootaaf jedhee yaadee ta'uu danda'a, kunis sababa raajii Kakuu Moofaatiif ture. Akkasumas, namoonni Waaqayyoon sodaaatan baray'eenis hordofanii turan, beekaniis Kakuu Moofaa kabajaa turan.

**17:2 Sanbata sadiif"** Kana jechuun Sanbata sadan kana mana sagadaa kana keessatti duwwaa dubbate jechuudha. Inni magaalittii keessa torban sadi ol tureera ta'a (cf. Filiph. 4:16), garuu yeroo dheeraaf hin turre.

▣ **"dubbii Macaafa Qulqulluu isaaniin dudubbachaa ture"** Phaawuloos raajii waa'ee Misihichaa dubbatame jireenya, barsiisa, du'uu fi du'aa ka'uu Yesuusii wajjin wal simsiisaa ture. Adeemsa kana Isxifaanosii fi leenjii barumsa amantii ofii irraa bare.

**17:3**
**NASB** **"ragaa ibsaa fi kennaa"**
**NKJV** **"ibsaa fi agarsiisaa"**
**NKJV, NJB** **"ibsaa fi mirkaneessaa"**
**TEV** **"macaafa qulqulluu ibsaa fi isa keessaas mirkaneessaa"**

Jechi jalqabara *dianoigō* jedha, kun immoo Yesuus warra karaa imaahessiif wangeela ibsuu isaa agarsiisuuf gargaareera. Luq. 24:32, 45). yesuus akka isa hubataniif ija isaanii banuufii isaa ibsuudhaafis fayyadeera (Luq. 24:31). Jechi walfakkaataan HoE 16:14 keessatti Waaqayyo gurra qalbii Liidiyaa akka wangeela hubattuuf banuufii isaa agarsiisuufis fayyadeera.

Jechii lammaffaa *Paratithēmi*, jedhu yeroo baray'ee barreeffamoota Luqaas keessatti nyaata nama ful-dura kaa'uu agarsiisa, garuu asitti "dhugaa fula dura kaa'uu" ykn "eebbisuu" (cf. 14:23; 20;32) agarsiisa. Luqaas keessatti ala lama (cf. 12:48; 23:46) nama irra ittigaafatamummaa kaa'uu agarsiisuuf ooleera. Phaawuloos of eegannoo guddaadhaan wagneela warra isa dhaggeeffataniitti kenne (jechuunis kuusuu, parathēkē, 1Xim. 6:20;

2Xim. 1:12,14). Muraasni ni dhaga'an (Yihudoota muraasa, Namoota Waaqayyoon sodaaatan muraasa, fi dubartoota beekamoo baray'ee).

▣ **"Masihiin dhiphachuun"** himni kun gocha hin xumuramne ta'ee dirqama ta'uu waan tokkoo agarsiisa. Masihichi dhiphachuuf akka jiru Kakuu Moofaa keessatti faajamee ture (cf. Uma. 3;15; Far. 22; Isa. 52:13-53:12). Garuu barsiisota seeraatiin sirriitti hin beekamne. Kun immoo Ergamoota lallabaniin haala nama amansiisuun dubbatameera (cf. HoE 3:18; 26;23; 1Phex. 1:10-12). Dhugaan kun warra Yihudootaatti gufuu ta'ee ture (cf. 1Qor. 1:22-23). Hubachiisa 3:18 irra jiru ilaali.

▣ **"warra du'an keessaas ka'uun"** Kun qabiyyee dhaabataa (qaama kerygma kan ta'e, mata duree addaa 2:14 irraa ilaali) barsiisa Pheexiroos, Isxifaanoos, fi Phaawuloos Hojii Ergamootaa keessaa ture.

▣ **"Yesuus inni ani isinitti labsu kun immoo Kiristoos masihicha"** Barreeffamoonni Giriikii jechoota dhuma hima kanaa irratti garaagarummaa baray'ee qabu.

1. "Kiristoos, Yesuus" MSB
2. "Kiristoos, yesuus" Hiikaawwan filatamoo muraasaa fi hiikaawwan afaan Gibxii durii.
3. "Yesuus Kiristoos" MS א
4. "Kiristoos yesuus" MSS p74, A,D
5. "Yesuus isa Kiristoos jedhame" MS E fi hiikaa afaan Gibxii durii isa Bohayii ture
6. "Kiristoos" Hiikaa warra Joorjiyaa

Bektonni baray'een jecha isa lakkoofsa tokko irra jiru (vatikanas) waan yeroo hunda hin argamneef filatu.

Akka haala mana sagadaa kanaatti "Kiristoos" jechuun isa akka Kakuu Moofaatti dibamee fi kakatame, Masihicha ture. Akka Kakuu Moofaatti gartuuwwan dabaman sadiitu jiru: Mootota, raajota, luboota, Yesuus ulaagaawwan kana sadanuu ni guuta (cf. Hib. 1:1-3). Dabanni kun mallattoo Waaqayyoo nama fo'atee nama tajaajilaaf hidhachiisuuti. Mata duree addaa 4:27 irraa ilaali.

**17:4**
**NASB, NKJV**
**NRSV "ni amansiifamuu"**
**TEV,NJB "akka fudhatan taasifaman"**

Jechi Giriikii kun Kakuu Haaraa keessatti as duwwaatti argama. Hiikaan isaa inni ifaan "baray'eedhaan muudamuu" jechuudha. Haala gulumsa asitti qabuutiin 'duukaa bu'uu" ykn "wajjin ta'uu" jechuudha. "Baray'inni" akka Kakuu Mofaatti karaa ittiin fedha Waaqayyoo beekaniidha, akka ol maxantuu (*pros*); (2) undee (*klēpoō*); fi (3) raawwatama gochaatti jechi kun humna Waaqummaa agarsiisa. Waaqayyo akkuma laphee Liidiyaa bane kan isaaniis bane (cf. 16:24).

▣ **"Giriikota Waaqayyoon sodaaatan"** Hordoftoonni amantii warra Yihudootaa garuu guutummaatti kan hin amanin turaniiru. Kun immoo (1) dhagna qabachuu; (2) of cuuphuu; fi (3) yeroo danda'ametti mana qulqullummaa Yeruusaalemitti aarsaa dhiyeessuu kan of keessaa qabu ture.

▣ **"dubartoota bebbeekamoo"** Dubartoonni Maqedooniyaa keessatti bilisummaa guddaa qabu ture (Liidiyaa). Adeemsi pisidiyaa Anxokiyaatti ture ofii isaa irra deebi'aa ture (cf. 13:43,45,50). Barreeffamoonni Giriikii warri kan dhiyaa turan lakkoofsa 4 irratti gaalee itti dabaluudhaan dubartoonni kun haadha manoota namoota bebbeekamoo turuu isaanii ibsu. Beektonni baraa baray'een warri dhiyaa hiika kana fooyyeessuun isaanii dubartoota gadi qabuuf akka tue amanu (cf. Lakk 12).

**17:5 "Yihudoonni garuu isa kana hinaafanii"** Yihudoonni amanuu dadhabuun isaanii natti dhaga'ama (cf. 14:2), garuu hinnaafaan isaanii immoo baray'ee nama gaddisiisa. Warri kun namoota amantiidhaaf fedhii guddaa qaban akka saa'oliin hin deggaramu, garuu ni hinaafsisa! Qabiyyee lallabichaa utuu hin ta'in kan isaan kakaase, baray'ina namoota amananii (cf. 13:45) ture.

Luqaas jecha "Yihudootaa" jedhu akkuma Phaawuloos haala hammataa, gaarii hin taane agarsiisuuf fayyadama (cf. 1Tas. 2;15-16). Kun warra wangeela mormaniif dura dhaabatanii wajjin hiikaa tokko qabarata.

▣ **"namoota hamoota hojii malee laban"** Jechi kun namoota hojii malee lafa gabara laban, kan homaafuu hin taanee fi dhibara'oo ta'an agarsiisa.

**17:6 "Yaasoniin... harkisanii"** Muraasni akka yaadanitti yaason inni Rom. 16:21 keessaa namuma kana jedhu, garuu kun sirriitti hin beekamu.

▣ **"amantoota keessaas kaan"** Caasaan hima kanaa Yaason garuu amanaa akka hin turre agarsiisa. Yaason akkamitti garee tajaajilaa sana akka simate sirriitti hin beekamu. Ta'uu kan danda'u (1) Phaawuloos ykn siilaas isaaf hojjetanii turan; (2) isaan isa irra mana dugda bitatan; ykn (3) mana isaa keessa turan. Xumurri lakk 7 keessatti sime jedhu "akka keessummaatti simachuu" jechuudha (cf. Luq 10;38; 19:6; Yaaqoob 2:25).

▣ **"yaa'ii mandarichaatti"** Jechi "politark" jedhu kun geggeessitoota mandaraa jechuudha. Kun maqaa adda geggeesitoonni mootummaa naannoo xinnoo bulchanii kutaa biyya Maqeedoniyaa ittiin waamaman ture. Kun jecha yeroo baray'ee hin fayyadne kan asii fi lakk 8 duwwaatti argamu, fi asitti gargaaruun isaas Luqaas naannoo sana beekuu isaa fi Seenaa uumama Hojii Ergamootaa agarsiisa. Luqaas bara jechi kun darbee darbe mul'atu kana keessa nama seenaa hin dogoggorre ture. Inni kaayyooamantii, isa amantoonni kaka'umsa akka ta'uufiif mirkaneessan qaba ture.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"addunyaa mufachiise"** |
| **NKJV, NRSV** | |
| **NJB** | **"biyya lafaa gadi garagaalche"** |
| **TEV** | **"iddoo hundumaa raasan"** |

Kun mormiin ka'uu agarsiisa (cf. 21:38). Kun jecha baray'ee cimaadha. Phaawuloos Gal. 5;12 keessatti fayyadamuu isaa hubadhu. 1Tas. 2:14-16 irraa waldaan kana irra ari'atamni guddaa ga'uu isaa agarra.

**17:7 "abboommii mootii warra Roomaa"** Namoonni tokko tokko kana labsii Kalaudios (Dh.K.B 41-54) bara Dh.K.B 49-50tti fakkeessu, kunis gochaalee amantii warra Yihudoota Roomaa kan dhorku ture. Labsiin kun immoo Yihudoonni Roomaa jiraatan akka ba'an godhe. Garuu, akkan yaadutti galumsi isaa asitti wangeela lallabuu isaanii agarsiisuun isaa ifa. Namni kam iyyuu nama Roomaa amansiisuun dhorkaa ture.

▣ **"Yesuus kan jedhamu mootii kan biraan jira jedhanii"** Sababiin himannaa kanaa (1) Phaawuloos lallaba isaa Tasalonqee keessatti waa'ee mootummaa Waaqayyoo irratti xiyyeeffachuu isaa, ykn (2) jechi kiristiyaanonni Yesuusiif fayyadaman jecha warri Roomaa Qeesaariif fayyadamanii wajjin tokko ta'uu isaatiin ta'uu danda'a (Mootii, Gooftaa, fayyisaa).

**17:9 "qabiisa"** Kun maallaqa guddaa eegumsaaf qabamu ta'uu danda'a, kunis Phaawuloos magaalitti keessatti itti fuufee wangeela akka hin lallabne mirkaneessuuf amantoonni dhiyoo amanan kan qabsiisan ture. Namoonni tokko tokko kana 1Tas. 2:18 wajjin wal fakkeessu.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 17:10-15**

**[10]Halkanuma sana, obboloonni Phaawuloosii fi Siilaasiin gara mandara Beriyaatti ergan; akkuma achi ga'aniinis gara mana sagadaa warra Yihudootaa dhaqan. [11]Yihudoonni warri kunis warra Tasalonqee caalaa, warra yaada gaarii turan; dubbicha fudhachuudhaaf qophaa'anii, waan dubbatame kun dhugaa ta'uu isaa baruudhaaf, guyyuma guyyaatti macaafota qulqulluu ni qoru turan. [12]Isaan keessaa baray'een, Giriikoota keessaas dubartoonni beekamoonii fi dhiironni baray'een ni amana. [13]Yihudoonni Tasalonqee garuu, Phaawuloos, Beriyaattis dubbii Waaqayyoo lallabuu isaa yommuu baran, achis dhaqanii namoota garaa nyaachisanii sochoosan. [14]Yommusumas obbolonni Phaawuloosiin hamma galaanaatti Beeriyaadhumatti hafan. [15]Namoonni Phaawuloosiingeggeessan mandara Ateenaatiin isa ga'anii, siilaasii fi Xemotewos ariitii guddaadhaan gara Phaawuloos akka dhaqaniif dhimma isaa fuudhanii deebi'an.**

**17:10 "Beeriyaa"** Kun magaalaa guddaa bara Phaawuloos kan karaa Iginaashiyaa gara Lixaatti maayila 60 dhiyaattee argamtudha. Isheen hawaasa Yihudootaa, warra barsiisa Phaawuloos dhaga'uudhaaf qophii ta'an, barsiisa isaas barreeffamoota Kakuu Moofaatiin madaaluudhaaf kan qophii ta'an of keessaa qabdi turte.

▣ **"isaan mana sagadaa warra Yihudootaa dhaqan"** Barreeffamichi kan inni agarsiisu, Isaan akkuma achi ga'anii, deemsa halkan guutuu booda, kallattiidhaan gara mana sagadaa akka dhaqanidha. Tarii guyyaan sun guyyaa sanbataa ta'uu danda'a yookiiin immoo, tarii isaan warri isaan morman akka isaan hordofan beekanii turan ta'a. Yerichi yeroo murteessaa ture. Amantoonni baraa warri Lixaa Hojii wangeelaatiif ariifachuu fi dursa laachuu dhiisanii turan!

**17:11 "...caalaa, warra yaada gaarii turan"** Jechi kun kan inni agarsiisu, namoota sooneyyii, kan baratanii fi warra sadarkaa oliiti (cf. LXX Iyyoob 1:3; Luq. 19:12). Hiikni kun garuu Yihudoota Beeriyaa hin ibsu; kanaafuu, hiiknisaa biraan nama yaada haaraa dhaga'uu fi madaaluudhaaf fedha qabu agarsiisa. Yaadni gaariin kun amala namota magaalittii warra dursitoota ta'anii fi mana sagadaatti waaqeffatanii ta'uu danda'a (cf. Lakk 12).

▣ **"waan dubbatame kun dhugaa ta'uu isaa baruudhaaf, guyyuma guyyaatti Macaafota Qulqulluu ni qoru turan"** Kun karaa isa dhugaa baruudhaaf gargaarudha. Adeemsi Phaawuloos lallabuudhaaf itti fayydamu, Kakuu Moofaa keessaa luqqisuudhaan akkamitti akkanni waa'ee Yesuusiin wal-qabatu agarsiisuu ture.

Gaaleen ("wanti dubbatame kun dhugaa ta'uu isaa") jedhu Hima sadarkaa arfaffaa haalarratti hundaa'e (Haala fedha ibsu wajjin, cf. 17:27; 20;16; 24:19; 27;12), of keessaa kan qabu yommuu ta'u wanta dhugaa irraa fagaate agarsiisa (kan waan ta'u hin fakkaanne). Kaan ni dhaga'an (deebii laatan); kaan garuu akkas hin goone (dhoksaa wangeelaa).

**17:12 "baay'een ni amanan"** Kun kan inni agarsiisu Yihudoonni mana sagadaa sanaa baray'een isaanii akkasumas "warri Waaqayyoon sodaaatan" baray'een isaanii amanuusaaniiti. 8;12 fi 4;4 irra mata dureewwan addaa jiran ilaali.

▣ **"beekamoo"** Jechi kun bifa "gaarii" fi "bifa" yookiin "boca" kan baray'ina agarsiisudha. Kun kan fayyade namoota amanamoo, kan qalbii jijjiirratanii, fi kan dhiibbara fidan agarsiisuufidha (cf. 13:50 fi Yooseef isa Arimaaxiyaa, marq. 15:43).

**17:13** Kun Yihudoonni warri mormitoonni ta'e jedhanii Phaawuloosiin mormuu isaanii agarsiisa. Warri kun baray'een isaanii Yihudootaa amanamoo kan fedha amantii irraa adda ta'e qabanidha (akka Saa'ol godhe). Garuu, haalli (Malli) isaan fayyadaman sadarkaa hafuuraa isaanii agarsiisa.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 17:16-21**

**16 Phaawuloos mandara Ateenaa taa'ee Siilaasii fi Xemootewoosiin eegaa yeroo turetti, fakkeenyi waaqayyoolii tolfamanii mandara sana keessa guutu isaanii waan argeef, lubbuun isaa baray'ee dhiphatte. 17 Mana sagadaa keessatti Yihudootaa fi Giriikoota warra amantii Yihudootaa fudhatanii wajjin, lafa gabaratti immoo guyyaa hundumaa namuma achitti argamee wajjin dubbachaa ture. 18 Garee warra Ephequriyos akkasumas istokiyoos jedhaman keessaa, barsiisonni ogummaa biyya lafaa qoran tokko isatti falman. Kaan, "Funaantuun kun immoo maal jechuu kajeela?" jennaan, kana immoo waan inni wangeela waa'ee Yesuusii fi, waa'ee du'aa ka'uu lallabeef, "Innoo waa'ee Waaqayyoolii Ormaa labsa fakkaata" jedhan. 19 Isa qabaniis yaa'ii gaara Aariyophaagos irratti wal ga'u duratti geessanii, "Barsiifni haaraan ati fedde kun, maal akka ta'e baruu dandeenyaa? 20 Dubbiin ati fidde kun gurra keenyatti keessummaadha; kanaafis maal akka inni ta'e baruu barbaranna" ititin jedhan. 21 Warri Ateenaa hundinuu, Ormi achi jiraatanis, oduu haaraa odeessuu fi namoota irraas dhaga'uu malee, kan biraa yeroo isaanii kan itti dabarsan hin qaban turan.**

**17:16 "Ateenaa"** Kun magaalaa guddiittii Giriikii kan kuufama aadaa darbee yommuu taatu, ammayyuu gidduu gala beekumsaa addunyaa Roomaati. Isheen Aadaa, amantaa doggoggoraa fi hamilee dhabummaadhaan beekamtuu turte.

▣ **"hafuurri isaa"** barreeffamoonni Giriikii kan Kakuu Haaraa (1) Iddoo jechoota gidduu; (2) Sirna tuqaalee; (3) Qubee guddaa (qubeen hundumtuu guddaa ture); yookiin (4) hirma lakkoofsaa fi boqonnaa hin qaban. Kanaafuu barbarachisummaan qubee guddaa haala galumsaa irratti hundaa'uudhaan qofa beekama. Yeroo baray'ee qubee guddana kan fayyadu; (1) maqoota Waaqayyoolii (2) maqoota iddoo; fi (3) maqoota dhuunfaatiif ture jechi "lubbuu" jedhu, (1) Hafuura Qulqulluu (cf. Marq. 1:5); (20 yaada sammuu namummaa (cf. Marq. 8;12; 14:38); ykn (3) sadarkaa hafuuraa ta'e (kunis hafuurota qulqulluu hin taane, cf. Marq. 1:23), akka galumsa kanaatti namummaa Phaawuloos )Phaawuloosiin akka namatti) agarsiisa.

Barreeffamoota Phaawuloos keessatti iddoo baray'eetti, ijaarsi seerlugaa kun, wanta hafuurri qulqulluun nama amane tokko keessatti uumu ibsuuf fayyada.

1. Asitti "Hafuura garbummaa utuu hin ta'in" "Hafuura mucummaa lakk. 15)
2. "Hafuura hubannaa" 1Qor. 4:21
3. "Hafuura Amantii (amantii qabarachuu) 2Qor. 4:13
4. "Hafuura ogummaa fi kan Mul'ataa" Efe. 1:17

Haala ittiin Phaawuloos "hafuura" fayyadamu irraa, haala inni ittiin of ibsu ta'uunsaa ifa (cf. 2;11; 5:4; 2Qor. 2:13; 7:13; Rom. 1:9; 8:16; Fil. 4:23).

**NASB** **"isa keessatti dhiphachaa turte"**
**NKJV** **"isa keessatti dhiphatte"**
**NRSV** **"baray'ee cinqame"**
**TEV** **"guddisee aare"**
**NJB** **"fincilli irratti ka'ee ture"**

Kun jecha "*paroxunō*" jedhuuf raawwatama gochaa hin xumuramin kan agarsiisu yommuu ta'u, "*paroxunō*" jechuun immoo "Qara barasuu" jechuudha; asitti garuu haala hiika isaa isa duraa irraa adda ta'een "uumuu" jechuudha. Kun jecha (bifa MAQAAtiin) Phaawuloosii fi isa Maarqoos jedhamuu irratti wal loluu isaanii agarsiisuuf fayyada (15:39 keessatti). Hib. 10:24 keessatti karaa gaarii fayyadamee.

**17:17** Phaawuloos waa'ee, Yihudootaa ("mana sagadaa keessatti dubbachuu") fi Ormootaa, warra amantii Yihudootaa jaallatanii (Waaqayyoon kan sodaaatan) fi warra amantii hin qabnee ("warra iddoo gabara jiran") hundumaatiif ni dhimmama ture. Phaawuloos gartuuwwan garaa garaa kanatti haala garaagaraatiin dhiyaata: Yihudootaa fi warra Waaqayyoon sodaaataniif Kakuu Moofaa fayyadamaa ture, garuu warra amantii hin qabneef kanraa waliigalaa murta'e argachuu yaalee (cf. vv. 22-31).

**17:18 "garee warra Ephiquriyos"** Gareen kun gammachuun wanta ba'eessaa fi galma jireenyaa isa ol aanaadha jedhanii amanu. Isaan jireenya booda namummaan yookiin qaamni jiraachuu hin danda'u jedhanii amanu. "jireenya amma bashannanii jiraadhu" kan jedhu dhaadhannoo jireenyaa (bifa amantaa isa gammachuu argachuu jireenya keessatti waan murteessaadha jedhuu) isaanii ture. Isaan Waaqoliin dhimma namootaa hin qaba jedhanii amanu. Isaan maqaasanii kan argatan falaasamaa Ateenaa, kan ephequrus jedhamu falaasamichaa kan bu'uraa baray'e ol kaasaniiru. Ephequrus gammachuu kan inni ilaalu, gammachuu dhuunfaa fi kan qaamaa (i.e. Qaama fayyaa fi sammuu naga qabeessa) irra haala bal'aa ta'eenidha. "Ephequrus, 'yoo nmani dadhabe namicha gammachiisi, qabeenya isaatti hin dabalin, garuu fedha isaa irraa fudhadhu' jedheera jedhamee himameera" ('*The new Schaff-Herzog Encyclopedia fo Religious Knowledg'*, hidha IV. Fuula 153)

▣ **"Istokiyoos"** Gartuun kun Waaqayyo (1) lubbuu biyya lafaa yookiin (2) uumama hundumaa keessatti ni argama (pantheism) ture jedhanii amanu ture. Isaan namni uumama (kunis Waaqa) wajjin waliigalteedhaan jiraachuu qaba yaada jedhu irratti waliif galu. Sababni meeshaa isa ol-aanaa ture. Of to'achuun ofitti amanuun akkasumas haala hundumaa keessatti mira tasgabbara'aa qabarachuun kaayyoo isaanii ture. Isaan jireenya isa amma booddee jireenyi jira jedhanii hin amanan. Kan isaan hundeesse falaasamaa Qophros, kan Zeenoo jedhamu

yommuu ta'u, Inni dhaloota Kiristoos dura bara 300tti gara Ateenaa dhaqe. Ergamnimaqaa isaanii Isto'aa dibamaa, Ateenaa keessa jiru, kan Zeenoon itti barate irraati.

▣ **"funaantuun"** Jechi kun gosa simbirroo barakkeedhaa midhaan nyaattu agarsiisa. Jechi kun karaa kan biraadhaan barsiiftota dogoggraa, kan odeeffannoo muraasa asii fi achii guuranii gurgurachuuf yaalan, agarsiisuuf fayyada. *'R.S.V. Interlinear'* kan alfred Maarshaaliin barreeffame "Nama gad aanaa kan yaada nama biraa kan ofii fakkeessu" jechuutti isa hiika. NJB immoo "torraa (simbirroo dubbatu)" jedha.

▣ **"Waaqayyoolii Ormaa labsa"** Kun irra keessaan yommuu ilaalamu, "Hafuura Ormaa" yommuu ta'u, humnoota yookiin Waaqolii hafuuraa ibsa (cf. 1Qor. 10:20-21). Falaasamoonni Ateenaa kun Waaqolii amantaa turan (Waaqolii (pantheon) olompiikii.

Falaasamonni Ateenaa giriikii, kun dubbii Phaawuloos waa'ee Waaqolii lamaa akka mul'isutti fudhataniiru ta'a.

1. Waaqolii fayyaa
2. Waaqolii du'aa ka'uu

Isaan tokko akka dhiiraatti (Yesuus) fi durbaratti (du'aa ka'uu MAQAA DHALAAtiin) ilaaluu iyyuu ni danda'u. Kun lakkoofsa kana keessatti himannana isaanii, ajaja Qeesaar kan Dh.K.B bara 49-50 utuu hin ta'in, afaanfaajessa jechoota Phaawuloos wangeelaaf fayyadamuu ta'uu isaa agarsiisa.

▣ **"waan inni wangeela waa'ee, Yesuusii fi waa'ee du'aa ka'uu lallabeef"** Yihudootaaf wangeelatti gufuu ta'ee wanti dhowwuu "Masihii dhiphatu" yommuu ta'u, Giriikotaaf immoo "Du'aa ka'uu" dha (cf. 1Qor. 1:18-25). Namummaa, qaama jireenya boodaa kan jedhu, haala hubannaa Giriikonni Waaqolii fi Ilmaan namaaf qabaniin walitti hin dhufu. Isaan qaanqee hafuuraa nama hundumaa fudhachiisanii, qaamana immoo qabatu yookiin, garboomfatu. Fayyinni qaamatti adda ba'anii, Waaqummaa namummaa of keessaa hin qabne yookiin kan namummaa gar tokko qofa of keessaa qabu keessa galuu ture.

**17:19 "qabniis yaa'ii gaara Aariyophaagos irratti wal ga'u duratti geessanii"** Jechi Aariyoophaagos jedhu tulluu "Are" jechuudha (Waaqa waraanaa). Baroota Ateenaadhaaf akka warqeetti ilaalamanitti, Inni magaalaa hayyootaa kanaaf waltajjii falaasamaa ture. Kun dhaddacha seeraa utuu hin ta'in, waltajjii banaa magaalittii ture. Akkuma 13:16ff irratti Phaawuloos Ormoota warra Waaqayyoon sodaaatanitti lallabe, kun immoo Phaawuloos iddoo inni warra amantii hin qabneetti lallabe keessaa tokkodha. Waa'ee ergaawwan Phaawuloos kanaaf Waaqayyoon galateeffadhu.

▣ **"barsiifni haaraan ati fidde kun maal akka te'e, baruu dadneenyaa"** Asitti garaagarummaa fedhii hayyoonni waa baruudhaaf qaban (cf. vv. 20-21) fi Mul'ata gidduu jiru argina. Waaqayyo waa baruudhaaf fedhii nu keessa kaa'eera (cf. Eccl. 1:8-9; 8:10-11), garuu beekumsi namaa nagaa fi gammachuu hin argamsiisu. Kana wangeela qofatu gochuu danda'a! Phaawuloos 1Qor. 1-4 keessatti garaagaummaa ogummaa namaa fi mul'ata Waaqayyoo gidduu jiru ni dubbata.

**17:19-20** Jechoonni hawaasa keessatti baray'ee jechoota kabajaati. Kun, akka yaadaatti, yoomessa Yunivarsiitii ture

**17:21** Kun kabajni lakk. 19-20 irratti mul'atu, kabaja hayyummaa isa dhugaa utuu hin ta'in, yerosuma aadaadhaaf kan godhame ta'uu isaa nutti agarsiisa. Isaan yerosuma dubbii dhaga'uu fi mromuutti gammadan. Isaan ulfina Ateenaa durii yaadachuuf yaalaa turan. Kan nama gaddiisiisu, isaan ogummaa namaa fi mul'ata hafuuraa gidduu gargaaragummaa jiru hin hubanne (har'as yuniivarsiitiiwwan keenya keessatti kanuma argina)!

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) :17:22-31**

**[22]Phaawuloos yommus gaara Aariyophaagos walakkaa dhaabatee dubbate. Inni "yaa warra Ateenaa, isin karaa hundumaa warra amantii akka isin taatan nan arga. [23]Utuun darbuu iddoo sagada keessanii baray'ee yommuu ani do'adhetti, iddoo aarsaa 'Waaqayyo isa hin beekamneef' jedhame irratti**

**caafame tokko argeera; egaa isa isin utuu hin beekin itti sagaddankana, isa isinittan lallaba. [24]Waaqayyo, biyya lafaa, kana isa keessa jirus hundumaa kan uume, gooftaa Waaqaatii fi lafaati; inni galma harki namaa ijaaretti hin galu. [25]Ofii isaatii sanyii namaa hundumaaf, jireenyaa fi qilleensa, kan isa barbarachisu hundumaas ni kenna; kanaaf harki namaa kan isaaf hojjechuu danda'u. Wanti isaaf barbarachisus hin jiru. [26]Sanyiin namaa hundinuu namicha tokkicha irraa argamanii, irra lafaa hundumaa irra akka jiraatan godhe; bara isaaniitti iddoo taa'umsa isaaniittiis daarii itti godhe. 27Kanas Waaqayyoon akka isaan barbaadaniif, qaqqabataniis akka isa argataniif godhe; amma illee Waaqayyo hunduma keenyattii fagoo miti. [28]Nuyi isatti ni jiraanna, ni sochoona, ni argamnas; isin keessaa iyyuu Warri Walleen akkuma jedhan, 'Nuyi immoo sanyii isaati'. [29]"Egaa sanyii Waaqayyoo erga taanee, Waaqayyo akka yaada namaatti harka nama ogeessaatiin, bifa isa warqee irraa yookiis meetii irraa yookiis dhagaa irraa hojjetame fakkaata jennee yaaduun nuuf hin ta'u. [30]Bara wallaalummaa isaanii Waaqayyo namootatti lakkaa'uu dhiiseera; amma garuu namni hundinuu iddoo hundumaatti yaada garaa isaa akka geeddaratu abboomeera. [31]Guyyaa itti harka nama fo'ate sanaatiin, biyya lafaatti qajeeltootti faraduuf jedhu, muree kaa'eera; namicha fo'ate sana du'aa kaasuu isaatiin, kana nama hundumaaf cimseera" jedhe.**

**17:22 "isin karaa hundumaa warra Amantii akka isin taatan nan arga"** Kun haala salphaadhaan, "Waaqolii sodaachuu (*daimōn*)" jechuudha. Kana jechuun (1) karaa qajeeltoo hin taaneen, "Waaqa tolfamaatti kan amanan," akka hikaa mooticha Jems (King James Version keessatti kaa'utti, yokiin (2) karaa qajeeltoodhaan, "Amantiitti gad-fageenyaan jiraachuutti kan beekaman" (NKJV, cf. 25:19). Namoonni kun dhimmoota Amantii baruu barbaadu akkasumas ni kabaju, garuu kana kan isaan godhan karaa murtaa'aadhaan qofa (Aadaa isaani).

▣ **"hnndumaa"** Phaawuloos lallaba kana keessatti jecha "hundumaa" jedhu yookiin gaalee kanaan wal fakkaatu si'a meeqa akka kaase hubadhu.

1. "karaa hundumaa", lakk 22
2. "kan isa keessa jirus hundumaa," lakk 24
3. "jireenyaa fi qilleensa, kan isa barbaachisu hundumaas" lakk 25
4. "sanyii namaa hundumaaf," lakk 25
5. "sanyii namaa hundinuu," lakk 26
6. "irra lafaa hundumaa," lakk. 26
7. "hunduma keenyattii,: lakk 27
8. "nuyi" (si'a lama) lakk 28
9. "namni hundinuu iddoo hundumaatti," lakk 30
10. "biyya lafaatti" (lafa isa namni irra jiraatu), lakk 31
11. Nama hundumaaf" lakk 31

Oduu gammachiisaan Phaawuloos himaa ture, Waaqayyo nama hundumaa akka jaallatee fi akka isa beekanii fi dhiifamuu cubbuu akka argataniifis karaa akka qopheesse kan ibsudha.

**17:23 " 'Waaqayyo isa hin beekamneef' jedhamee irratti caafame"** Giriikonnii barreeffamoota akkasii kan isaan barreessan, Waaqni barbaachisaan kan yo Waaqeffamuudhaa baate rakkina uuma jedhanii yaadan, waaqeffannaa keenya keessaa irraanfannee hambisuu dandeenya jedhanii waan sodaataniifidha (cf. Pausanias, *Description of Greece* 1:1:4 fi Philostratus, *Life of Apollonius* 6:3:5). Kun soda hafuuraa fi ofeegannoo isaa odhan agarsiisa.

▣ **"egaa isa isin utuu hin beekin itti sagadda"** Jechoota "Hin beekamne" fi "utuu hin beekin" jedhan gidduu tapha jechaatu jira. Jechi Ingiliffaa "agnostic" jedhu jecha Giriikii kana irraa kan argameedha. Phaawuloos namoota warra hin amanne kan lubbuu addunyaa namummaa alaatti amananitti wangeela himuu itti baraa ture.

▣ **"isa isinittan lallaba"** Phaawuloos "xibaartuu" ta'uu dhiisuu isaa ifatti hubachiisaa jira, Waaqa ia isaan hin beekne sanas akka beeku isaan hubachiisaa jira.

**17:24 "Waaqayyo, biyya lagaa, kan isa keessa jirus hundumaa kan uume"** Tuqaan barsiisa Phaawuloos inni jalqabaa, (Isa. 42:5). Giriikonni, haafurri (Waaqayyo), akkasumas maatariin (atoomonni) lamaanuu bara baraan jiraatu jedhanii amanaa turan. Phaawuloos yaada Uumama 1 irra jiru, kan Waaqayyo kaayyoodhan Waaqaa fi lafa uumuu isaa ibsu (Pilaaneetii kanaa fi hawaa), hubachiise.

▣ **"Inni galma harki namaa ijaaretti hin galu"** Kun (1) Kakuu Moofaa (cf. 1Mot. 8:27; Isa. 66:1-2) yookiin (2) Falaasamaa Giriikii, Yuriphides, 968 irraa kan fudhatameedha. Yaada galumsaa kana keessatti yaadonni Barreessitoota Giriikii irraa fudhataman baay'eedha (cf. lakk. 25 fi 28). Phaawuloos barumsa Giriikiitiinis leenji'ee ture.

**17:25 "wanti isaaf barbaachisus"** Yaadnumti kun (2) Yuriiphides kan barreesse, *Heracles* 1345 fi; (2) Pilaatoon kan barreesse, *Eutuyphro* 14c; (3) Aristobulus, cabaa 4; yookiin (4) faarfannaa 50:9-12 keesattis ni argama. Galmoonni Giriikii yeroo baay'ee, iddoo Waaqoliin itti sooramanii fi qabaan godhamuuf ta'uudhaan ilaalamu.

▣ **"ofii isaatii sanyii *namaa* hundumaaf, jireenyaa fi qilleensa, kan isa barbaachisu hundumaas ni kenna"** Kun karaa biraa Isa. 42:5 kan agarsiisu ta'uu danda'a. Kun karaa ittiin Phaawuloos waa'ee, (1) jaalala Waaqayyo namaaf qabuu (Araara, Ayyaana) fi (2) kennaa ayyaanaa Waaqayyo namaaf kennuu (kennaa) fudhachiisudha. Dhugaan walfakkaatu *Zeenoo*, hundeessaa mana barumsaa malaadhaan kaa'amee, Iskindiriyaa keessatti galmaa'ee jira, *Stromateis* 5:76:1. *Autos* ofii isaatti kan jedhu hubadhu.

Kun Dhugaa Dinqisiisaa kan warri hin amanne dhaga'uu fi fudhachuu qabaniidha.

**17:26 "namicha tokkicha irraa … godhe"** Barreeffamoonni Giriikii warri dame lixa "Dhiiga tokko" kan jedhu itti dabalu. Garuu barreeffamoonni Giriikii, p74, , A, fi B'n immoo jechicha itti hin dabalan. Akka jalqabaatti yoo ta'e Addaamagarsiisa. Falaasama giriikii kan agarsiisu yoo ta'e, tokkummaa ilmaan namaa calaqqisiisa. Gaaleen kun tokkummaa ilmaan namaa ifatti nu hubachiisa, kara ti'ooloojii immoo ilmaan namaa bifa Waaqayyootiin uumaman isaanii nu hubachiisa (cf. Uma. 1:26-27). Kutaa (lakkoofsa) kana garri kaanis waa'ee uumamaa kan agarsiisu ta'uu ni danda'a. Namni akka wal horuu fi lafas akka guutuuf abboomameera (cf. 1:28; 9:1,7). Namoonni addaan ba'uu fi lafa guutuudhaaf dhibaa'aa turan. Ginbiin baabiloon (cf. Uma. 10:11). Karaa Waaqayyo kana galmaan ga'uuf itti fayyadame agarsiisa.

▣ **"bara *isaaniitti*, iddoo taa'umsa isaaniittis daarii itti godhe"** Phaawuloos, Waaqayyo waan hundumaa uumuu qofa utuu hin ta'in, waan hundumaafis qajeelfama akka late ni hubachiisa. Kkun Keess 32:8 kan agarsiisu ta'uu danda'a. Garuu, dhugaan kun Kakuu Moofaa keessatti iddoo baay'eetti hubachiifameera (cf. Iyob 12:23; Far. 47:7-9; 66:7).

**17:27** Kunis Walaloo Giriikii, Araatas irraa kan fudhatame ta'uu danda'a.

▣ **"yoo"** Kun hima sadarkaa arfaffaa kan haala irratti hundaa'e yommuu ta'u, dhugaa irraa kan fagaate jechuudha. Namoonni fedhii isaanii hubachuu qabu. Xumurri lamaanuu ajaja ibsu.

▣

**NASB, NKJV**

**NRSV** **"isaan isa barbaadaniiru ta'a"**

**TEV** **"akka isaan isa barbaadanitti"**

**NJB** **"karaa isaanii gara isaatti geessaa"**

Jechichi "tuttuquu" yookiin 'dhaga'amuu' (miira) jechuudha (cf. Luq. 24:39). Akka galumsa kanaatti barbaacha sababa dukkanaatiif yookiin faajja'uutiin godhamu agarsiisa. Isaan Waaqayyoon arguudhaaf yaalaa jiru, garuu kun salphaa miti. Akkuma Waqa tolfamaa waaqessuu, amanti dhabummaanis humna kufaatiif sababa ta'eedha (cf. Rom. 1-2), Garuu Waaqayyo jira.

▣ **"Waaqayyo hunduma keenyatti fagoo miti"** Kun dhugaa attam namatti toludha. Waaqayyo nuu uume, Waaqayyo gara keenya, Waaqayyo nu wajjin jira (cf. Far. 139)! Phaawuloos waa'ee jaalala Waaqayyoo, eegumsasaa fi Nama hundumaa wajjin jiraachuu isaatii dirqamaan nama hubachiisaa ture. Kun dhugaa wangeelichaati (cf. Efe. 2:11-3:13).

Phaawuloos Kess. 4:7 agarsiisaa jiraachuu danda'a, garuu namoota hundumaaf addatti isa baase. Kun dhoksaa dhokataa Kakuu Haaraati!

**17:28 "isin keessaa iyyuu warri walleen"** Gaaleen inni duraanii, "nu'iisattiin jiraanna, ni sochoona, ni argannas" jedhu kan inni fudhatame:

1. *Hymn* to *Zeus*, kan Kliintes barreesse, Inni hogganaa mana barumsaa amalaa ture Dh.K.D bara 263-232 yookiin,
2. Phainomena, kan Araastas barresse (Soolii, magaalaa ishee Tarsaas bukkee irraa), sarara 5. Araastas nama Siiliisi'aa ture kan inni jiraate immoo Dh.K.D 315-240 ture.
   Luqqisni kun kan inni nu hubachiisu (cimsee nu hubachiisu)
   e. Barbaachisummaa Waaqayyoo (cf. lakk. 27) yookiin
   f. Waaqayyo nama hundumaa uumuusaa (cf. lakk. 27).

Phaawuloos; 1Qor. 15:32 irratti Ephiquriyaanota irraa akkasumas Qor. 15:33 keessatti Maanaander, Thais irraa waraabeera. Phaawuloos ogummaa barreeffamaa ittiin hawwatanii nama amansiisanii fi hog barruu Giriikiitiin leenji'ee ture. Kana immoo kan inni barate Tersaas, magaalaa Yunivarsiitii guddittiitti ta'uu danda'a.

▣ **"nu'i immoo sanyii isaati"** Kun waraabbii biraadha. Kan inni waraabame immoo tarii Ephimenidees irraa, Diogenes *Lertiyusiin Lives of the Philosophers* 1:112 keessatti ta'uu danda'a.

**17:29** Kun Waaqa tolfamaa waqessuu irratti goolabbii Phaawuloos kaa'ee fi dogoggora ta'uu isaa agarsiisuu isaati (cf. Far. 115:1-18; Isa. 40:18-20; 44:9-20; 46:1-7; Erm. 6:11 Anbq. 2:18-19). Waa'een namummaa kufee kan nama gaddisiisu, dhugaa hafuuraa fi duuka buutummaa wanta hin sochoonee fi gargaarsas ta'uu hin dandeenye kan namni tolche irraa barbaaduu isaaniiti.

**17:30 "bara wallaalummaa isaanii Waaqayyo namootatti lakkaa'uu dhiiseera"** Kun araara Waaqayyoo isa nama dinqudha (cf. Rom. 3:20,25; 4:15; 5:13,20; 7:5; 7-8; 1Qor. 15:56). Amma garuu Isaan wangeela dhaga'aniiru, karaa hafuuraas itti gaaatamummaa qabu!

▣ **"amma garuu namni hundinuu iddoo hundaatti… abboomeera"** dubbiin kun Waaqayyo namni hundinuu, iddoo hundumaatti qalbii akka jijjiirratu, akka barbaadu nu hubachiisa. Kun araarrii fi jaalalli Waaqayyoo hundumaf kan ta'u ta'uu isaa agarsiisa (cf. Yoh. 3:16; 1Xim. 2:4; 2Phex. 3:9). Kun garuu hundumtuu ni fayya jechuu utuu hin ta'in (cf. lakk. 32-33), Waaqayyo namni hundinuu qalbii jijjiirratee fayyinaaf Yesuusitti akka amanu barbaada jechuudha. Yesuus hundumaaf du'e! Hundumtuu fayyuu ni danda'a! Dhoksaan isa hamaa, hundumti fayyuu akka hin dandeenyedha.

▣ **"yaada garaa isaa akka geeddaratu"** Jechi Giriikii "jijjiirama gochaa" jechuu yommuu ta'u, Jechi Giriikii isaatii immoo "jijjiirama yaadaa" aarsiisa, lamaanuu baay'ee barbaachisoodha. Manneen barumsaa Falaasamaa kan lakk. 18 irratti ibsaman lamaanuu, kana hin fudhatan ta'a, garuu sababa garaagaraatiifi. Mata duree addaa: yaad garaa geeddarannaa 2:38 irraa ilaali.

**17:31 "Guyyaa itti…, biyya lafaatti qajeeltootti faraduuf jedhu, muree kaa'eera"** Ergaan Phaawuloos araaraa fi kennaa Waaqayyoo ifatti irra deddeebi'ee hubachiisa. Garuu kun wallakkaa ergichaa qofa. Waaqayyo Waaqa jaalalaa fi gargaarsaa akkuma ta'e, akkasumas Waaqa haqaa fi kan qajeelummaa barbaadudha. Namoonni warri fakkaattii isaatti uumaman kennaa jireenyaa isa argatan eeguudhaaf itti gaafatamummaa qabu. Kakuu haaraa keessatti Waaqayyo biyya lafaatti faraduuf akka jiru irra deddeebi'ee mul'ata (Fakk. Matt. 10:15; 11:22,24; 16:27; 22:36; 25:31-46; Mul'ata 2:11-15)

▣ **"harka nama fo'ate sanatti"** Waa'een guyyaa firdii inni walitti dhufeenya amantii nu'i namicha isa du'aa kafame, Yesuus nama Naazireet, wajjin qabnu irratti hundaa'e kun hayyoota Giriikii kanaaf waan isaan dhaga'anii hin beeknee fi waan isaan dinqu ture (cf. 1Qor. 1:23), garuu wangeelichi kana dhugaa ba'a (cf. 10:42, Matt. 25:31-33).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYA'EE): 17:32-34**
**32Phaawuloos waa'ee du'aa ka'uu dubbachuu isaa yommuu dhaga'an, kaan itti ga'isan, warri kaan garuu, "nuyi waa'ee kanaa itti daballee si irraa dhaga'uu barbaanna" ittiin jedha. 33Phaawuloos garuu, yaa'icha kessaa ba'ee adeeme. 34Jarreen tokko immoo gara Phaawuloos goran, ni amananis; isaan keessaa Diiyoniisiyos kan jedhamu bu'aa yaa'ii Aariyophaagos akkasumas dubartiin Damaariis jedhamtu tokko, namoonni kan biraas isaanii wajjin turan.**

**17:32 "waa'ee du'aa ka'uu dubbachuu isaa yommuu dhaga'an"** Giriikonni, Ephiqure'aanoota irraan kan hafe, qaama utuu hin ta'in lubbuutu hin tortoru jedhanii amanu. Waa'een du'aa ka'uu Giriikootatti gufuu isa guddaa ta'ee ture (cf. lakk. 18; 1Qor. 1:23).

▣ **"ga'isan"** Jecha kana Kakuu Haaraa keessatti iddoo kanatti qofa argina, garuu kana irra haal ajabaa ta'een, HoE 5:30 fi 26;21 keessatti ni argina. Hundeen isaa (*chleusma* yookiin Chleusmos) Macaafa Qulqulluu isa afaan Giriikiitti hiikame irratti si'a baay'ee "tuffii" yookiin "qoosaa" akka jechuutti fayydama (cf. Iyyoob 12:4; Far. 79:4; Erm. 20:8).

▣ **"warri kana garuu 'nuyi waa'ee kanaa itti daballee si irraa dhaga'uu barbaanna' ittiin jedhan"** Barsiifni Phaawuloos waa'ee jaalalaa fi eegumsa Waaqayyo nama hundumaaf qabuu barsiise kun warra dhaga'an kanaaf haaraa ta'uu isaa irraa kan ka'e, warri dhaga'an kun barsiisichatti gammadanii turan, garuu guutummaatti hin amanne. Waaqayyo nu'i warra Inni kanaaf akak dhimmu labsinu ni gargaara!

**17:34 "jarreen tokko immoo gara Phaawuloos goran ni amananis; isaan keessaa Diiyoniisiyos…turan"** Wangeelaaf deebii sadii laachuuttu danda'ama: (1) Diduu, "kaan itti ga'isan" (lakk. 32); (2) murtii lafarra dheeratu "Nuyi waa'ee kanaa itti daballee si irraa dhaga'uu barbaanna (lakk. 32); fi (3) amanuu, "jarreen tokko immoo gara Phaawuloos goran ni amananis" (lakk. 34; 1Tas. 1:9-10). Kun fakkeenya namicha midhaan facaasuutiin wal fakkaata (cf. Mat. 13).

▣ "Diiyoniisiyos kan jedhamu bu'aa yaa'ii Aariyophaagos" Kun walga'ii (marii) Falaasamaa gaara Aariyoophagos irratti godhamu kana walitti aansee kan hordofu ta'uu qaba. Yoo xinnaate hayyuun tokko amanaa ta'eea.

Esebiyuus, *Eccl. His*. 3:4:6-7 fi 4:23:6 irratti inni Abunii Ateenaa isa jalqabaa ta'e jedha. Kun dhugaa taanaan jijjiirama guddaa attamiiti! Wangeelli nama jijjiira!

**GAAFFIIWWAN MARII**

Kun <u>qajeelfama</u> qo'annaa irratti yaada kan kennuudha. Kana jechuunis ati Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa keetii laachuudhaaf itti gaafamummaa qabda. Tokkoo tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabaa qabdu. Kanas yaada namaatiif dhiisuun sirra hin jiraatu.

Gaaffiiwwan marii kun akka dhimoota gurguddoo kutaa Macaafa kanaa yaaduuf si gargaaruuf kennaman. Isaan kun kan yaada kaasan malee kan ibsa irratti laatan miti.

1. Phaawuloos magaalota gurguddoo tokko tokko kanneen akka Aamphipoolis fi Apooloniyaa irra maaliif darba?
2. Waa'een dhiphachuu Kiristoos, Yihudoota maaliif baay'ee aarsa?

3. Deebiin Beeriyaan wangeelaaf laatte maaliif kan nama jajjabeessu fi barbaachisaa ta'e?
4. Phaawuloos waa'ee haala afuuraa Ateenaa keessa jiruutiif maaliif baay'ee dhiphatee?
5. Lallabni Phaawuloos gaara Aariyophaagos irratti lallabe maaliif baay'ee barbaachisaa ta'e? (lakk. 22-24)

# HOJII ERGAMOOTAA 18

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRTTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Phaawuloos Qoronxositti | Tajaajila Qoronxoos | Waldaan Qoronxoositti dhaabamushee | Qoronxositti | Hundeeffamuu waldaa Qoronxos |
| 18:1-4 | 18:1-17 | 18:1-4 | 18:1-4 | 18:1-4 |
| 18:5-11 | | 18:5-11 | 18:5-8 | 18:5-11 |
| | | | 18:9-11 | |
| | | | | Yihudootnni Phaawuloosiin gara yaa'iitti geessan |
| 18:12-17 | | 18:12-17 | 18:12-13 | 18:12-17 |
| Phaawuloos Anxokiyaatti deebi'uu isaa | Phaawuloos anxokiyaatti deebi'e | Xumuramuu deemsa tajaajila aisa lammaffaa fi jalqabuu isa sadaffaa | Deebii gara Anxokiyaa | Gara Anxokiyaatti deebi'uu fi Deemsa isa sadaffaaf qophaa'uu |
| 18:18-23 | 18:18-23 | 18:18-21 | 18:18-21 | 18:18 |
| | | | | 18:18 |
| | | 18:22-23 | 18:22-23 | 18:22-23 |
| Apholos Efesooniitti lallabe | Tajaajila Apholos | Pholos Efesoonitti | Apholoos Efesoonii Fi Qoronxos keessatti | Apholos |
| 18:24-28 | 18:24-28 | 18:24-28 | 18:24-28 | 18:24-26 |
| | | | | 18:27-28 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A Guid to Good Bible Reading" irraa fuula vii)**
*SADARKAA KEEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HORDOFUU*

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluutti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkon tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuu sirra hin jiraatu.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Galummoowwan adda baafadhu. Hiikaa gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan hiruun dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara

hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo giddu-galeessa hiikichaati. Tokkoo tokkoon keeyyataa gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkf

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 18:1-4**
**[1]Kana booddee Phaawuloos mandara Ateenaa dhiisee ademe, gara mandara Qorontos dhqe. [2]Achitti Yihuudii biyya Phonxositti dhalate, maqaan isaa Aqiilaa jedhamu tokko wajjin wal arge. Klaamudiyoos mootichi warra Roomaa, Yihudii kan ta'e hundinuu mandara Roomaa keessaa akka ba'uuf abboomnaan, namichi kun dhi'oo haadha manaa isaa Phirisqiilaa wajjin biyya Ixaaliyaatti dhufe; Phaawuloos, immoo isana bira dhaqe. [3]Hojiin isaanii tokko waan te'eefis isana bira taa'ee hojjeta; hojiin isaaniis duukaana hodhuu ture. [4]Sanbata Sanbata immoo mana sagadaa dhaqee, Yihudootaa fi Giriikota amansiisuudhaaf isaanii wajjin dubbate.**

**18:1 "Phaawuloos mandara Ateenaa dhiisee gara mandara Qorontos dhaqe"** Qorontos mandara Ateenaa irraa gara lixaatti maayila 50 fagaattee lafa cittuu dhiphoo ishee irratti kan argamtudha. Phaawuloos Ateenaatti kophaasaa tue, Qorontoosittiyyuu yeroo muraasaaf kophaasaa ture (cf. Lakk 5). Phaawuloos rakkina ijaa qaba ture (Qoraatti foon keessaa, cf. 2Qor. 12). Isaaf kophaa ta'uun baay'ee rakkisaa ture.

**MATA DUREE ADDAA: MAGAALAA QORONTOOS**

A. Naannoo iddoo qarqara kibba Giriikiitti (kunis Kep Male'a) yeroo gannaa dooniidhaan mi'a fe'uun baay'ee ulfaataa ture. Kanaafuu, karaa lafarraa dheerina gabaabaa qabu argachuun murteessaa ture. Qoronxoos cita lafaa qal'aa kan maayila afur dheeratuu fi kan Galoo galaanaa Qorontoos (jechuun galaana Adiriyaatikii) fi galoo saaroonikii (jechuun galaana Egiyaan) wal qabsiisu irratti argamuun ishee giddugala daldalaa (jechuun handhuura geejibaa fi daldalaa itti gurguraman) fi waraanaa akka taatu ishee godhee ture. Bara Phaawuloositti kun iddoo aadaan warra lixaa fi kan warra bahaa itti wal quunnamu ture.

B. Taphni Istimiyaanii kan Dh.K.D. bara 581tti jalqaee waggaatti si'a lama Qoronxoositti waan geggeeffamuuf giddugala aadaa Giriikoo-Roomaa akka taatu ishee godhee ture (taphni kun masaraa peseyidoonitti jalqabame). Tapha olompiikii kana waggaa afuritti si'a tokko geggeeffamu qofatu (Ateensitti) tapha Isitmiyaanii kana guddinaa fi barbaachisummaadhaan caala ture (Thucydides, Hist. 1.13.5).

C. Dh.K.D bara 146tti Qorontoos fincila (liigii akeyaan (the achean League)) Roomaa irratti godhame irratti hirmaacttee turte, sababii kanaan Qorontoos Generaala Roomaa Lusis Mami'as (Lucius Mummius) jedhamuun diigamtee, ummaniishees ni bittinaa'an. Sababnii barbaachisummaa dinagdee fi waraanaa ishee irraa kan ka'e bara 46 yookiin 48 Dh.K.D Juuliyes Qeesaariin deebitee ijaaramte. Kana booddee kolonii Roomaa iddoo loltoonni Roomaa soorama itti ba'an taate. Bobbocaa fi aadaadhaan Roomaa fakkaatti turte, akkasumas gidduugala bulchiinsa Akiyaa (A Chaia) Roomaa (kan seenatarii)

turte (Dh.K.B bara 27). Booddee bara 15 (Dh.K.D)tti bulchiinsa Impeeriyaalaa taate.

D. Iddoo ol ka'aan Qorontoos durii, sirrii galaanaa irraa faana 1880 kan ol ka'u, iddoo masaraa Afroodaayit (Aphrodite) ture. Masaraa kana keesa sagaagaltoota 1,000tu ture (Starbo, Geography, 8.6.20-22). "nama Qorontoos" (Korinthia Zesthai, Jecha Aristofeeniin uumame [Dh.K.D. 450-385]) jechuun jireenya gadhiisii kan jiraatu akka jechuuti. Akkuma magaalicha gara caaluu, masaraan kunis utuu Phaawuloos achi hin dhaqin waggaa 150 dura sochii lafaatiin barbadaa'e, akkasumas Dh.K.B bara 77tti sochii lafaa kan biraatu ta'e. Wanti kun bara Phaawuloos keessas akkasumatti itti fufuu fi dhiisuusaa sirriitti hin beekamu. Warri Roomaa Dh.K.D bara 146tti magaalitti barbadeessuu isaanii fi ummata ishee hundumaas yookiin ajeesanii yookiin immoo garboomfachuu isaanii irraan kan ka'e, fooliin Giriikummaa magaalittiin qabdu sababa kolonii Roomaatiin ukkaamame. (Pausanias, II 3.7).

**18:2 "Yihudii maqaan isaa Aqiilaa…Phrisqiilaa"** Phrisiqiilaa, Phrisiqaas ni jedhamti, yeroo baay'ee dura maqaa dhahamti (cf. 18:18,26; 1Qor. 16:19; 2Xim. 4:19), kunimmoo aadaa paatriyaarkii keessatti waan badaa beekamu miti. Maqaanshee maqaa maatii dureeyyii Roomaatiin wal sima (Jens Piriiskaa), isheen Yihudii jedhamtee hin beektu. Durba soorettii Roomaa kan jaalala Yihuudii duukaana yookiin hojii gogaa hojjetuutiin qabamtee jirtu utuu isheen taatee jiraattee, seenaa jaalalaa baay'ee guddaa ta'a ture! Isaan daldala sana irratti Phaawuloosii wajjin waliigalanii hojjechaa turan.

▣ **"dhihootti"** Barruulee warri Macaafa hiikan hojii ergamootaa hiikuuf itti fayyadaman, fuula 347 irratti, Niwmaanii fi Nidaan waa'ee IBSA XUMURA KANAA, tuqaa namatti tolu kaa'aniiru, *proophatōs*. Hiiknisaa kan jalqabara "ho'aatti ajjeefame," kan jedhudha, garuu baka buusaan "dhihoo" ta'ee fayyaduu jalqabe. Kun Itimooloojiin yeroo hundaa hiika gaarii kennuu danda'uu dhiisuu isaatiif fakkeenya gaariidha. Jechoonni hiika galumsaatiin, akkasumas akka walitti dhiheenya isaaniitti hubatamuu qabu. Macaafa Qulqulluu akkaataa hin taaneen hiikachuun kan inni dhufu namoonni bara si'anaa Macaafa hiikan bakbuusaa fi Jechamoota Macaafni Qulqulluun dur ittiiin barreeffame hubachuu dhiisuu isaanii irraan kan ka'edha.

▣ **"sababii kilaawudiyoos Yihudoonni hundumtuu Roomaa keessaa akka ba'an ajajeef, haadha manaa isaa Phirisqiilaa wajjin Xaaliyaaniidhaa dhufee"** 'Historia Contra paganus 7.6.15,' irratti Orosis (Orosius), yeroon ajajni kun itti laatame Dh.K.B bara 49 akka ta'e dubbata. Setoniyoos (Suetonius), Life of Claudius 25.4. irratti, fincila iddoo Yihudoonni jiraatanitti kakaasii godhame ta'uusaa dubbara. Kan inni godhamees chrestusdhaan akka ta'e dubbata. Warra Roomaa jalaa jechoonni Kiristoos (christus) fi krestus (chrestus) jedhan wal jalaa dhahaa turan (cf. Tacitus, Annais 25:44:3). Di'o cassius in Histories 60.6 irratti Yihudoonni hin Ari'amne, garuu aadaa isaanii isa jalqabaratti akka hin jiraanneef dhowwaman jedha.

Xumurri, "Dhufee" jedhu GOCHA YEROO DARBE KEESSA raawwatame yomuu ta'u deemsichi yeroo dhumaaf yookiin yeroo dheeraadhaaf kan godhame ta'uusaa agarsiisa, ajajni Klaawudiyoos (Claudius) HAALA YEROO DARBE KEESSA GOCHI IRRATTI RAAWWATAMEDHA.

**18:3 "hojiinisaanii waan ta'eef"** Kun yeroo baay'ee dunkaana hodhuudha jedhamee yaadama, garuu jechichi hojii gogaa ibsuus ni danda'a, Phaawuloos barsiisaa amantii turuun isaa hojii amantii irraa bilisa ta'e akka hojjetu isa barbarachise. Namni barsiisaa amantii ta'e tokko barsiisuu isaatiif maallaqa fudhachuu hin qabu. Siiliisiyaan, naannoo mana Phaawuloos, rifeensaa fi gogaa hoolaatiin beekama ture.

**18:4 "Sanbata Sanbata immoo mana sagadaa Yihudootaa dhaqee"** Phaawuloos Sanbata Sanbata "sababa dhiheessuu" fi "amansiisuuf yaaluu"tti dhimmee ni hojjeta ture (kun lachuu ennaa hin xumuraminidha). Phaawuloos kaninni jalqaba gara Yihudootaa dhaqeef (1) fakkeenyi Yesuus kana waan agarsiisuuf (cf. Mat. 10:5-6); (2) Kakuu Moofaa beeku waan ta'eef (3) Giriikonni achi jiran warri Waaqayyoon sodaaatan barsiisa isaatiif waan of-eeggataniif (cf. Rom. 1:16). Bara barabiloonitti manni sagadaa iddoo waaqeffanaa, barnootaa fi kadhataa ture. Aadaa Yihudootaa guddisuu fi eeguudhaaf fayyada ture.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 18:5-11**

**[5]Siilaasii Fi Xemootewoos biyya Maqedooniyaatii erga Qorontoositti galanii, Phaawuloos immoo kan bira adhiise dubbicha lallabuutti qabamee, Yesuus Masihicha akka ta'e Yihudootatti dhugaa ba'e. [6]Jarri isaan mormanii, yemmuu isa arrabsan immoo isaanitti gargar ba'uudhaaf uffata isaa urgufatee, "Dhiigni keesssan mataa keessanitti ni deebi'a, ani kanattii qulqullaa'aadha; ammaa kaasee gara warra saba Waaqayyoo hin ta'inii nan-dhaqa" isaaniin jedhe. [7]Inni achii ka'ee mana tiitoos Yusxos, isa amantii Yihudootaa fudhate dhaqe; manni isaa immoo mana sagadaa Yihudootaa bukkee ture. [8]Kiriisphos dura-buutuunmana sagadaa sanaas, nama isaa hundumaa wajjin gooftaatti amane; Warra Qorontos keessaas baay'een lallaba Phaawuloos dhga'anii ni amanan, ni cuuphamanis. [9]Gooftaan aaf tokko halkan mul'ataan Phaawuloositti dubbatee, "Hin sodaaatin dubbadhu malee, calluma hin jedhin. [10]Ani si wajjinnana jira, homtinuus sitit bu'ee si hin miidhu, Anoo mandara kanaa namoota baay'ee qaba" jedheen. [11]kanaaf Phaawuloos dubbii Waaqayyoo isana keessatti barsiisaa, waggaa fi ji'a ja'a isana bira taa'e.**

**18:5 "Siilaasii fi Ximootewoos biyya Maqedooniyaatii erga Qorontoositti galanii"** Isaan muldhinatti amantoota Filiiphisiiyuus irraa kennaa jaalalaa fuudhanii dhufan, kunimmoo Phaawuloos yerooraa guutuu akka lallauuf isa garaare (cf. 2Qor. 11:9; Fil. 4:15).

Ximootewoos oduu waa'ee waldaa Tasaloonqees fidee dhufe, Phaawuloos immoo sababii kanaaf xalayaa isaa gara warra Tasalonqee isa duraa fi isa lammaffaa barreesse (cf. 17:14). Akkuma Luqaas amantoota haaraa hordofuudhaaf Filiphisiyuusitti hafe, Ximootewoos Tasalonqeetti hafe Siilaas immoo Beriyaatti hafe. Phaawuloos barsiisaa fi hordoffii amantoota haaraatti baay'ee dhimmama. Magaalaa dhaqu hundumaatti waldaa dammaqxuu, kan guddattuu fi kan baray'attu dhaabee deemuu barbarada ture.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Phaawuloos ofiisaa guutummaatti dubbichaaf laachu jalqabe"** |
| **NKJV** | **"Phaawuloos Hafuurichaan guutamee ture"** |
| **NRSV** | **"Phaawuloos dubbicha labsuutti qabamee ture"** |
| **TEV** | **"Phaawuloos yeroosaa guutummatti dubicha lallabuudhaaf kenne"** |
| **NJB** | **"Phaawuloos guutummaa yeroosaatti lallabaraf kenne"** |

Gaalee kana irratti barreeffamoota Giriikii garaa garaatu jira. Barreeffamoonni warri jalqabara fi gaggaariin XUMURA logos jedhu qabu (cf. MSS p74, א, A, B, D, Hiikawwan 'Vulgate', 'peshitta', fi 'coptic' wajjin). TEKSASRESEPTAS (Texus Receptus) "Hafuura" (pneumati), kan barreeffamoota xixiqqoo Giriikii kan gara boodaati barreeffaman keessatti qofa argamu qaba.

▣ **"sodaaa malee (ija jabinaan) Yesuus masihicha ta'uusaa Yihudotatti dhugaa ba'e"** Akkaataa itti Phaawuloos nama amansiisu (*sunechō* GOCHI IRRATTI RAAWWATAMEE HIN XUMURAMIN kan agarsiisu, kunimmoo qabuu yookiin mudduu jechuudha), Akkaataa Isxifaanos itti amansiisuun wal-fakkaata (cf. HoE 7). Barreeffama 2:40 irraa ilaali. Ibsi Ti'ooloojii kun warra kaan hundumaaf furtudha!

**18:6 "Isaan mormanii, yommuu isa arrabsan"** Kun lamaanuu Gocha yeroo ammaa raawwatamaa jiran kan dhimma dhuunfaa keessa galuun itti fufuu isaa hubachiisaniidha. Wanti kun utuma jedhuu deebii beekamaa kan Yihudoonni biyyattii deebi'an namaaf laatan ta'e.

▣ **"uffata isaa hurgufatee"** Kun mallattoo Yihudoonni tuffiidhaaf itti fayyadamaniidha (cf. Neh. 5:13; HoE 13:51; Luq. 9:5; 10:11). Ibsa guutuu isaa 13:51 irraa ilaali.

▣ **"dhiigni keessaa mataa keessanitti ni deebi'a"** Jechamni Kakuu Moofaa kun hiikaa garaa garaa qaba.

1. Itti gaafatamummaa waardiyyaa, dhuunfaanis gareenis, Hisq. 3:16ff; 33:1-6.
2. Itti gaafatamummaa dhuunfaa, Iya. 2:19; 2Sam. 1:16; Hisq. 18:13; HoE. 18:6; 20:26
3. Itti gaafatumummaa waliigalaa kan sanyii yookiin kan sabootaa, 2Sam. 3:28-29; 2Mot. 2:33

4. Walitti qaba #2 fi #3, Kakuu Haaraa keessatti, Matt. 27:25.

Jireenyi lubbuu keessa ture (cf. Lew. 17;11,14). Dhiiga dhangalaasuu namni du'a sanaaf Waaqayyo duratti akka itti gaafatamu godha (cf. Uma. 4:10; 9:4-6).

▣ **"ani qulqulluudha"** Kun Kakuu Moofaa keessatti itti gaafatamummaa dhuunfaarraa bilisa ta'uun kan ittiin ibsamudha. Waa'ee Yihudoonni magaalaa kanaa wangeela dhaga'uutiif Phaawuloos kana booddee itti gaafatamaa hin turre (cf. Hisq. 33). Inni dubbicha itti himeera, isaan garuu ni didan. Nu'i qulqulluudhaa?

▣ **"ammaa kaasee gara warra saba Waaqayyoo hin ta'inii nan dhaqa"** Adeemsi lallabara kun Phaawuloosiif adeemsa dhaabbataa ta'e (cf. 13:46; 18:6; 26:20; 28:28). Phaawuloos dura mana Israa'elitti lallabuu akkuma Yesuus irraa baretti dirqama godhee fudhate (cf. Matt. 10:6; 15:24; Marq. 7:27). Inni kana Rom. 1:3,5,9-11 irratti karaa Ti'ooloojii ibse HoE 9:15; 22:21; 26:17 (cf. Rom. 11:13; 15:16; Gal. 1:16; 2:7-9; Efe. 3:2,8,1 Xim. 2:7; 2Xim. 4:17) irratti immoo miira jabaradhaan ibse.

**18:7 "Tiitoos Yusxos"** Waa'ee "nama Waaqayyoon waaqessuu" isa isa mana sagadaa Qorontoos bukkee jiraate kanaa 9eenyumaa isaatiif) deebii ta'uu kan danda'an waan baay'eetu ture.

1. Maqaansaa guutuun Gaayos Tiitoos Yusxus ture. Waldaan Qorontoos immoo manasaatti wal argu turan (cf. Rom. 16:23)
2. Inni tarii Gaayos isa 1Qor. 1:14 irratti ibsamee fi isa Phaawuloosiin cuuphame ta'uu danda'a.
3. Maqaa kanaan kan wal qabatan barreeffamoota Giriikii garaagaraatu jira
   a. *Titiou Ioustou*, MSS B. $D^2$
   b. *Titou Ioustou*, MSS א; E, P
   c. *Ioustou*, MSS, A, $B^2$, D*
   d. Titou, Hiikota Peshittaa fi koptic

▣ **"nama Waaqayyoon waaqessu"** Luqisni (barreeffamni)Afrodisiyaas (jaarraa 3ffaa) irraa fudhatame, Gaalee "Nama Waaqayyoon waaqessu" jedhu Ormoota warra mana sagadaatti qabamanii fi hordofan ibsuuf itti fayyadama. Kanaafuu "warra Waaqayyoon sodaaatan" kan jedhu (10:1-2,22, 13:16,26) "Nama Waaqayyoon waaqessu" kan jedhu (cf. 13:50; 16:14; 18:6-7) wajjin hiikaa wal fakkaataa qaba.

Gaaleen kun hiikuudhaaf ulfaataadha. Gaaleenumti kun 16:14 irratti Liidiyaa agarsiisa, 17:4 irratti immo Giriikoo muraasa Tasaloonqee jiranii fi 17:17 irratti immoo kan Beriyaa jiran agarsiisa. Isan Giriikota warra amantii Yihudootaa jaallatan, mana sagadaa kan dhaqan, garuu guutummaatti kan hin amanne (kan hin fudhanne) fakkaatu. Garuu gaaleen "warra amantii Yihudootaa fudhatanii fi Waaqayyoon sodaaatan" jedhu warra guutummaatti amananii fi mana sagadaa Phergee isa Phamfiiliyaatti araman ibsa, 13:43 keessatti.

**18:8 "Kiriisphos"** Namichi kun qindeessaa fi to'ataa mana sagadaa ture (cf. 1Qor. 1:14).

▣ **"naa isaa hundumaa wajjin gooftatti amane"** Ergamoonni Abbaran manaa amanee achumaanis maatiin hundumtuu yeroo cuuphaman si'a baay'ee galmeessaniiru (argamaniiru) (cf. 11:14; 16:15,31-34; 18:8). Warri lixaa iddoo maatiin inni itti fufee jiru addunyaa meedeteraaniyaanii keessati itti argamu ni irraanfatan. Maatiin dursa qaba ture. Kophummana balaa hin beekamu ture. Kun waa'ee kophummaa irratti hubannaa nu'i karaa lallaba wangeelaatiin qabnu irraa yoo adda ta'e iyyuu, kun dhugaa irraa kan fagaatee fi kan hin barbarachifne isa hin taasisu. Garuu maatii warra amananii gara mana sagadaa dhaqan keessaa hundumti akka hin amanee (hin fayyine) hubatamuu qaba. Onesmoos mana filemoon iddoo warri waldaa itti wal-argu sanatti garbicha ture, garuu hamma mana hidhaatti Phaawuloosii wajjin wal-argutti hin fayyine ture.

▣ **"warra Qorontoos keessaas baay'een lallaba Phaawuloos dhaga'anii ni amanan, in cuuphamanis"** Qorontoositti namoonni baay'een ergaa Phaawuloos dafanii fudhatan, garuu Phaawuloos hamilee dhabee waan tureef mul'ata hafuuraa addaatiin guutamee jabarachuu qaba ture (cf. Lakk 10b). Manni sagadaa kun (kan manatti godhamu) Phaawuloosiif hunda caalaa isa ulfaataa fi kan rakina qabu ture. Inni isan jaallate, isaan garuu rakkina (dhukkubbii) dhuunfaa guddaa is airraan ga'an (cf. Qorntos isa duraa fi isa lammaffaa).

Wanti barbarachisaan hiika kanaan wal-fakkaatu 1Qor. 1:14-17 keessa jira.  Ani barreeffama isan ibsani Qorontoos 1 irratti godhe irraa fudhdhe as kessa galecheera.

**"1:17 "Kiristoos kan inni na erge akka ani lallabuuf malee, akka ani cuuphuuf waan hin ta'iniif"** Kun cuuphaa hammeessuudhaaf utuu hin ta'in, amala wal jibbuu (wal loluu) kan waldaa Qorontoos keessa turee fi kan gaggeessitoota tokko tokko rakkisaa ture irratti hojjechuudhaaf ture.  Garuu, himni kun cuuphaan akka kennaa ayyaanaa 'qulqulluu"tti ilaalamaa akka hin turre ni agarsiisa.  Phaawuloos barreeffama san hunda keessaa waa'ee irbarata gooftaa al tokko qofa (1Qor. 11) irratti fi waa'ee cuphaa immoo al lama, Rom. 6:1-11 fi Qol. 2:1 irratti qofa addatti kaa'a, kanaan addatti garuu namoonni tokko tokko barreeffamoota Phaawuloos miira (yaada) quqlullaa'aa akka qabutti hiiku.  Garuu, cuuphaan nama amane hundumaaf fedha Waaqayyooti.

1. Inni fakkeenya Yesuusi
2. Inni abboommii Yesuusi
3. Inni adeemsa seeraa, kan amantoota hundumaa irraa eegamudha

Ani inni karaa ittiin ayyaana Waaqayyoo yookiin Hafuuricha argannuudha jedhee hin amanu.  Inni amantoonni haaraan carraa isaan ittiin amanuu isaanii haala baay'ee beekamaadhaan ibsatan ture.  Amanaan Kakuu Haaraa tokk, "fayyuudhaaf cuuphamuun qabara?" jedhee gaafachuu hin qabu.  Yesuus raawwateera! Yesuus waldaan kiristiyaanaa akka raawwatuuf abboomeera!  Raawwadhaa!"  Keessumaa aadaa kan kiristiyaanaa hin taane keessatti, cuuphaan amma iyyuu karaa amantii dhuunfaa ofii ifatti ittiin beeksifataniidha.

**18:9 "kana *booddee* hin sodaaatin"** Kun ajaja yeroo ammaatti kennamee fi maxxantuu negativii kan qabuudha, kunimmoo yeroo baay'ee gocha amma ta'aa jiru dhaabuu jechuudha.  Phaawuloos sodaaatee waan tureef Kiristoos irraa jajjabina barbarada ture.  Luqaas mul'atoota addaa kan jajjabinaa kana 22:17-18; 23:11; 17:23-24 irratti galmeesseera.  Namni akka Phaawuloos yoo dhadhabe, ati dadhabuun kee si dinqaa?  Yesuusis nu wajjin jira! Ammayyuu ergamni inni guddaan, wanta isa guddaa fi kan gara galmaatti nu geessudha.

▣ **"dubbadhu malee, calluma hin jedhin"** Kun lamaanuu jecoota (himoota) abboommii (ajajaa)ti.  Sodaaan nama wangeela labsuu cal jechisiisuu hin qabu!  Miirri keenya yeroo tokko tokko ol ka'a yeroo kan immoo gadi bu'a, garuu HoE 1:8 irra dubbiin jiru yoomiyyuu kan ittiin geggeeffamuudha (cf. 2Xim. 4:2-5).

**18:10 "ani si wajjina nan jira"** Kakuu (waadaa) guddaa kana caaluu hin jiru (cf. Uma. 26:24; Ba'u. 3:12; 33:4; Far. 23:4; Matt. 28:20; Hib. 13:5).  Kan inni nu wajjin ta'u, jireenya dhuunfaa keenyaa nuuf mijeessuu fi nu eeguuf utuu hin ta'in, hojiin (wangeela labsuu) akka jabaratuu fi babal'atuuf ta'uusaa hubadhu (kaayyoon Hafuurichaan guutamuufis kanuma (hojii ergamootaa keessatti akkuma arginu).  Jiraachuun (argamuun) hafuurichaa, dubbicha labsuudhaaf malee nagaa dhuunfaa namaaf laachuudhaaf qofa miti.

▣ **"Ani magaalaa kana keessaa namoota baay'ee qaba"** Kun Waaqayyo waan ta'uuf jiu dursee bira ga'uu fi beekuu isaa cimsee nu hubachiisa (cf. Rom. 9; Efe. 1).  Amma macaafa jireenyaa kana ilaaluu yoo dandeenye duwwaa!  Dhuga ba'umsi waldaa milkaa'ina argata (fiixaan ba'a) (cf. Mul'ata 13:8).  Eegumsi dhuunfaa guddina hojii wangeelaatiif malee, yeroo warri amanan du'an tikeetii gara Waaqaatti ol ba'uu keenya mirakneessu kan ittiin argannu miti!

**18:11** kutaan kun hojii wangeelaaf adeemuu Phaawuloos tooraan akka keenyuuf nu fayyada.  Gaaleen kun ifa ta'uu yoo barate iyyuu ergama hojii wangeelaa kan ji'oota kudha saddeetiif Qorontoositti ta'e nu agarsiisa.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 18:12-17**

**[12]Bara gaali'oon bulchaa biyya Akaayyaa ta'etti, Warri Yihudootaa walii galanii Phaawuloosiin qaban.  Yaa'iitti isa dhiisanii.  [13]"Namni kun, karaa seeraan walii hin galleon Waaqayyoof akka sagdan, namoota karaa irraa kaachisa" jedhanii isa hadheessan.  [14]Phaawuloos utuu dubachuuf jedhuu Gaalii'on**

**warra Yihudootaatiin, "Dubbiin kun waa'ee balleessaa hojjechuu yookiis hamaa gochuu utuu ta'ee, isin warra Yihudootaa, akka ta'utti isin nan dhaggeeffadhan ture. [15]Amma garuu walii morkiin keessan waa'ee dubbii namni dubbatee, waa'ee namootaa fi waa'ee seera keessanii erga ta'ee, isin ofii keessanii fixaa, ani dubbii keessanitti firdii kennuu hin barbaadu" jedhee. [16]Yaa'ii duraa isaan ari'e. [17]Warri achi tuan hudinuus, sosteneesiin dura buutuu mana sagadichaa qabanii, yaa'ii duratti reeban; Gaal'ioon garuu kana hundumaatti dhimma hin godhanne.**

**18:12 "Gaali'oo"** Maddoota Macaafa Qulqulluu fi kan Macaafa Qulqulluu ala jiran irraa namni kun geggeessaa siyaasaa kan yaada qajeelaa qabuu fi cimaa ta'e ta'uusaa hubanna. Obboleessi isaa Seenaakaa (senaca)'n, "warri obboleessa koo, Gaali'oo, jaallatanii fi warri aangoo qaban iyyuu sirritti isa hin jaallatan" akkasumas "Namni kamiyyuu akka Gaali'oon nama hunda jaallatutti nama tokko illee jaallatee hin beeku" Jechuudhaan waa'ee obboleessa isaatii dubbata. Muudamaan siyaasaa kun yeroo itti Phaawuloos adeemaa ture akka beekuuf nu gargaara. Inni Dh.K.B bara 51 irraa jalqabee waggoota lamaa fi walakkaadhaaf bulchaa ture.

▣ **"Gaali'oon bulchaa biyya Akaayyaa ture"** Luqaas seenaa galmeessuudhaan baay'ee nama dogoggora hin qabnedha. Maqaan aangawoonni Roomaa qaban Dh.K.B bara 44 irraa kaasee jijjiiramee ture; "proconsul" (cf. 13:7; 9:38) kan jedhu sirrii ture, sababni isaas mootichi kilaawudiyoos (claudius) caffeedhaaf bulchiinsa kana waan kenneefidha.

▣ **"Warri Yihudootaa walii galanii"** Luqaas tokkummaa amantootaa ibsuudhaaf Gaalee kanatti yeroo baay'ee fayyadameeera (cf. 1:14; 2:1,46; 4:24; 5:12; 8:6; 15:25). Asitti garuu kan inni agarsiisu tokkummaa Yihudootaa Qorontoos warra wangeela irratti ka'aniiti (cf. Lakk. 6). Fakkeenyonni kan biroon karaa hin taaneen yommuu fayyadu (negative sense) agarsiisan; 7:57; 12:20; fi 19:29. Jechi "Yihudoota" jedhu yeroo baay'ee barreeffamoota Luqaas keessatti hiikaa hamminaa qaba.

▣ **"yaa'ii fuulduratti isa dhi'eessan"** Kun jecha *bēma* jedhudha. (jecha jechaan yeroo hiikamu, "murtii" jechuudha). Inni teessoo ol jedhaa kan iddoo seeraa Roomaa ture (cf. Matt. 27:19; Yoh. 9:13; HoE 25:6,10,17, 2Qor. 5:10).

**18:13 "karaa seeraan walii hin galleon Waaqayyoof akka sagadan"** Himanni Yihudootaa kan, kiristiyaanumman seera isaanii kan diiguu fi amantii warra Yihudootaa keessas kan hin jrre godhu kun, dhimma seeraa baay'ee murteessaa ta'e ture. Gaaliyoon dhimma seeraa baay'ee murteessaa ta'e ture. Garuu, akkuma yeroo durii ture, kiristiyaanummaan seera warra Roomaa jalatti eegumsa siyaasaa argatee ture (Amantii Yihdudootaa, isa amantii seera qabeessa ture, irraa addatti ilaalamaa ture) kun garuu yeroo kana booda waggoota 10-12tti qofa ture, kana booddee Ariyatamatu Neeroodhaan kirisityaanummaa irra ga'e. kaayyoo Luqaas hojii ergamootaa barreesseef keessaa iyyuu, kirisiyaanuummaan aangamoota Roomaatiif sodaaachisaa akka hin turre galmeessuun tokko ta'uu danda'a. angawoonni Romaa hundumtuu dhugaa kan hubachuu isaanii galmaa'ee jira.

**18:14 "yoo"** Kun HIMA SADARKAA LAMMAFFAA HAALARRATTI HUNDA'EDHA. Kun ijaarsa himaa kan yaada tokko kaa'uudhaaf yookiin haasaa tokko itti fufsiisuudhaaf hima sobara uumuu fi kan yeroo baay'ee hin mul'anneedha. Yeroo baay'ee haala "dhugaa irraa fagaatee" jedha. Kun "Dubbiin kun waa'ee balleessaa hojjechu yookiis hamaa gochuu utuu ta'ee, isin warra Yihudootaa, akka ta'utti isin nan dhaggeeffadhaan ture. Amma garuu kana waan hin taaneef, ani dubbii keessanitti firdii laachuu hin barbaradu" jedhamee hiikamuu qaba.

**18:15 "yoo"** Kun HIMA SADARKAA TOKKOFFAA KAN HAALA IRRATTI hundaa'eedha. Dhimmi seeraa kun, dhugaatti, dhimma amantii ture. Gaali'oon ogummaadhaan, Yihudonni dhugaatti maal akka barbaradan hubate. Inni dhimma akkasii irratti fardauu hin dandeenyes, hin danda'us ture.

**18:16 "isaan ari'e"** Xumurri kun Kakuu Haaraa keessatti yeroo kana qofa mul'ate (barreeffame), Kakuu Moofaa keessatti garuu yeroo baay'ee barreeffameera (cf. 1Sam. 6:8; Hisq. 34:12). Kun humnaan barasuu jechuu yemmuu ta'u, jecha *elaunō* jedhu yommuu bifa cimaadhaan keenyu kan argannudha.

**18:17 "hundinuus Sosteneesiin dura buutuu mana sagadichaa qabanii"** "hundinuu" kan jedhu kaninni agarsiisu Yihudoota warra Lakk. 12 irratti ibsaman yookiin immoo tarii Giriikota, warra farra Semetiizimii ta'an ta'uu danda'a. Sostenees kun 1Qor. 1:11 irrattis ibsameera, garuu Sostenoos isa sitti ibsame ta'uunsaa sirriitti hin beekamu, haata'u malee garuu maqaan kun yeroo baay'ee hin mul'atu. Sostenees kun bakka Qirisphoos bu'uudhaan hogganaa mana sagadaa ta'e. Yihudoonni maaliif akka isa rukutan wanti sirriitti beekamu hin jiru. Tarii Phaawuloos mana sagadaa keessatti akka dubbatu waan godheef ta'uu danda'a.

▣ **"Gaali'oon garuu kana hundumaatti dhimma hin godhanne"** geggeessaan siyaasaa Roomaa kun akka Philaaxoos yaada ummataichaatiin hin socho'u ture.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 18:18-21**
**[18]Phaawuloos guyyaa baay'ee amantoota Qorontoos bira erga bubbulee booddee, nagaa isaanitti dhaamee, Phirisqiilaadhaa fi Aiilaa wajjin markabaan Sooriyaa dhaquudhaaf ka'e; Phaawuloos wareega waan qabuuf, kanchre'aa lafa buufata markabaatti rifeensa mataa isaatii murmurate. [19]Mandara Efesoon yommuu ga'an, Phrisqiilaa fi Aqiilaa iddoo tokkotti dhiisee, ofii isaa mana sagadaa dhaqee Yihudootaa wajjin dubbata. [20]Phaawuloos, yeroo dheeraa akka isaan bira turuufis ni kahdatan; inni garuu tole hin jenneen. [21]"Jaalala Waaqayyoo yoo ta'e deebi'ee naan dhufa" isaaniin jedhee, nagaa isaanitti dhaamee markabaan Efesoonii ka'ee adeeme.**

**18:18 "Kanchre'aa"** Kun buufatoota galaanaa warra Qorontoos jiran lamaan keessaa tokko ture. Inni galaana Ege'aan (Aegean sea) irratti, karaa baha cita lafaa dhiphaa isa qorontoos irratti argamuutti argama ture. Rom. 16:1 irratti akka iddoo waldaatti ibsamee jira.

▣ **"Wareega waan qabuuf"** Kun kan inni agarsiisu wareega Naazireet isa tooraan daangeeffamee fi Lakk. 6:1-21 irratti ibsamedha (cf. F.F.Bruce, Answer to Questions, fuula 52). Phaawuloos HoE. 21:24 (barreeffama achi jiru ilaali) irratti kana irra deebi'ee hojjeteera. Rifeensa mataa murmurachuun xumuramuu wareegichaa agarsiisa.

A.T.Roobertsan fi M.R.Vinsent lamaanuu; kun wareega Naazireet miti, sababni isaas akka aadaa Yihudootaatti wareegichi Yeruusaalemitti dhumuu qaba jedhu. Phaawuloos warra tokko tokko mo'uudhaaf nama hundumaaf waan hundumaa ta'e (cf. 1Qor. 9:19-23). Wareegni kun hojii wangeelaatiif malee, seeraaf akka hin taane sirriitti beekuu ni dandeenya! Mataa isaa kan murmure immoo Aqu'illaa ta'uu danda'a.

**18:19 "Efesoon"** Kun magaalaa daldalaa guddee kanlixa Asiyaa ishee xinnootti argamutudha. Erga buufanni inni Mileexas jiru tima galaana Ma'enderiin bade booda, daldalchi qarqara irraa gara Efesoonitti ol siqe, Efesoonis garuu Keyyata uumamaa qabdi turte. Bara Kakuu Haaraatti guyyoonni Efesoon warri gaggaariin darbanii turan. Isheen yeroo sanatti iyyuu magaalaa gudoo fi urteessituu turte, Garuu ulfina akka isa duraa hin qabdu.

1. Isheen bulchiinsa Roomaa kan Asiyaa xinnittii keessaa magaalaa ishee guddoo turte. Bulchaan Roomaa yoo achi jiraate iyyuu, Isheen magaalaa guddoo hin turre. Keyyata uumamaa baay'ee gaarii ta'e waan qaduuf giddu gala daldalaa turte.
2. Isheen magaalaa bilisa, kan bulchiinsa mataa isheetii qabduu fi bilisummaa guddaa qabdu, akkasumas eegumsa loltoota Roomaas kan hin qabne turte.
3. Magaalaan taphoota Asiyaa kan wagaatti si'a lama qophaa'an akka keessummeessituuf hayyamameefis ishee duwwaa turte.
4. Wantoota torban yeroo sanaa kan addunyaa irratti nama dinqisiisan keessa tokko kan ta'e masaraan Artemis (laatiiniidhaan Diana) Efesoonitti argama ture. Masaraan kun; al'inni isaa faana 425xfana 220 kan ta'e, utubarawwan 127 kan faana 60 dheeratanii fi isaan keessaas 86 kan warqeedhaan uffifaman ture ( Pliny's Hist. Nat. 36:95ff ilaali). Suuraan Artemis suuraa dubartii kan harma baay'ee qabduutti fakkeeffamee ture jedhamee yaadama. Kana jechuun, sagaagaltoota baay'eetu magaalittii keessa ture jechuudha (cf. HoE 19). Magaalaa Aadaa baay'ee keessa jiruu fi safuu kan hin qabne turte.
5. Phaawuloos waggoota sadii fi walakkaadhaa oliif magaalaa kana keessa ture (cf. HoE 18:18ff, 20:13).

6. Odeeffannoo daddarbara dhufe irraa akka hubatamutti, iddoon Yohaannis erga Maariyaam Filisxeemitti duutee booddee jiraate achi.

▣ **“ofii isaa mana sagadaa dhaqee Yihudootaa wajjin dubbatu”** Phaawuloos namootasaa ni jaallate (cf. Rom. 9:1-5) inni utuu hin dadhabin wangeelaa fi wangeelaan isaan bira ga’uudhaaf yaale.

**18:20** Yihudoonni kun akka Barare’aanotaa turan. Dhaggeeffachuu ni barbaradu turan. Sababni Phaawuloos isan bira turuu dideef lakkoofsa itti aanu irratti utuu hin ta’in lakk. 21 irratti ibsameera, innis jaalala Waaqayyoo yoo ta’u yeroo biraa deebi’uudhaaf ture.

**18:21 “jaalala Waaqayyoo yoo ta’e deebi’ee nan dhufa”** Phaawuloos jireenyi isaa harka ofii isaatii keessa utuu hin ta’in harka Waaqayyoo keessa akka jiru amana (cf. Rom. 1:10; 15:32; 1Qor. 4:19; 16:7). Kun ilaalcha akka dubbii Macaafa Qulqulluutti ta’udha (cf. Hib. 6:3; Yaq. 4:15; 1Phex. 3:17). Phaawuloos gara fuulduratti ni deebi’a, Efesoonis deemsa hojii wangeelaa isa sadaffaatti iddoo xiyyeeffannoo isaatii ishee guddoo taati.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA’E) 18:22-23**

**22Mandara Qisaariyaatti bu’ee, kana booddee Yeruusaalemitti ol ba’ee, waldaa kiristiyaanaa nagaa gaafatee; darbee Anxokiyaa isa Sooriyaa keessatti gad bu’e. 23Achis erga takka turee, ka’ee kutaa biyya Galatiyaatti fi Firiigiyaa keessatti tarreetti naanna’e, amantoota hundumaa jajjabeesse.**

**18:22** Lakkoofsi 21 Phaawuloos Efesoon dhaquu isaatiin xumurama. Lakkoofsa 22 irratti Filisxeem (Qisaariyaa) dhaqee waldaa ishee Yesuusaalem jajjabeessuu isaa (Akka ti’oolojiitti yommuu dubbatamu, “ol ba’e”) ibsa achumaanis (Gadi) gara Anxokiyaa isa Sooriyaa keessaa dhaqe. Luqaas deemsa dadhabsiisaa hundumaa guyyaa guyyaatti duukaa bu’ee galmeessaa kan hin turree fi ta’ii guddaa tokko irraa gara isa kan biraatti darbee galmeessaa turuun isaa hubaramuu qaba. Hojiin Ergamootaa seenaa bra ammaa miti, garuu dogoggora kan hin qabnee fi kan namatti toluudha! Lakkoofsi 22 deemsa hojii wangeelaaf adeemame isa lammaffaa gara xumuraatti yomuu fidu, lakkoofsi 23 immoo jalqaba deemsa isa sadaffaati.

▣ **“Waldaa”** Mata duree addaa 5:11 ilaali.

**“kutaa biyya Galaatiyaa fi Firiigiyaa”** Gaaleen “kutaa biyya Galaatiyaa” jedhu kun hirama giddu galeessa Turkii kan sanyii irratti hundaa’e yookiinkan siyaasa irratti hundaa’e ta’uu isaatiif beektoota gidduutti mormiitu jira.

Kutaan biyya firiigiyaa jalqaba 2:10 keessatti maqaa dha’ame. Warra Pheenxeqoosxee hirmaatan keessaa hammi tokko kutaa biyyaa kana keessaa turan. Phaawuloos naannoo kanatti akka hin lallabneef dhowwamee ture (16:6 keessatti).

Gaalee kana keessaa wanti nama dinqu “Amantoota hundumaa jajjabeese” kan jedhu Lakk. 23 gara dhuma irratti kan argamu yommuu ta’u, kan inni agarsiisu immoo, warra pheenxeeqoosxeedhaan jijjiiramanii fi Firiigiyaa jiran yookiin Phaawuloosiin jijjiiramanii Derbee, Liisxiraa, fi 1Qoniyum (1Conium) jiran, kan Phisiidiyaa kibba bulchiinsa Roomaa ishee Galaatiyaa jiranidha.

Kun jalqaa deemsa Phaawuloos, hojii wangeelaatiif deeme isa sadaffaati (cf. 18:23-21:16).

▣ **“amantoota hunda jajjabeesse”** Phaawuloos ergamaa guddaa isa Matt. 28:19-20 irratti jala muramee ibsame raawwate. Hojiin isaa lallabuu (cf. Mat. 28:19) fi duuka buutuu gochuu yookiin amansiisuu of keessaa qaba ture (cf. 15:36; Mat. 28:2).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA’E) 18:24-29**

**24Yeroo sana Yihuudiin mandara Iskindiriyaatti dhalate, Apholos kan jedhamu tokko mandara Efesoon dhufe; inni nama arraba qajeelu, macaafota gaarii godhee kan beeku ture. 25Inni cuuphaa Yohaannis duwwaa beeke, dubbii gooftaas waa barsiifame, hafuura gubaadhaan waa’ee Yesuus**

**qajeeltootti ni lallaba, ni barsiisas ture. [26]Ija jabummaadhaan mana sagadaa keessatti dubbachuutti ka'e. Phrisqiilaanii fi Aqiilaan dubbachuu isaa dhaga'anii, ofittis isa fudhatanii, caalchisanii karaa Waaqayyoo isa hubachiisu. [27]Apholos biyya Akaayyaatti ce'uu yommuu barbaade, amantoonni Akaayyaa akka isa simataniif, obboolonni caffataan kadhataniif. Inni achi erga ga'ee, ayyaana isa argateen, warra amananii turaniif baay'ee gargaarsa ta'e. [28]Yesuus masihicha akka t'e, macaafota keessaa dhugaa itti baasisuudhaan mul'inatti afaan Yihudootaa cufe.**

**18:24 "Yihudiin…,Apholos"** Yihudiin Waaqa Giriikii booda waamamuun isaa waan hin baramne ture. Inni lallabara baay'ee baratee fi nama amansiisuu kan danda'u ture (cf. 18:24-19:1). Tajaajilli inni Qorontoositti godhe baay'ee bu'a qabeessa ture, booddee yomuu gartuun sadii (dheggartoota Phaawuloos, Pheexiroos fi Apholoos, cf. 1Qor. 1-4). Warri Qorontoos keessa turan yommuu akka dura buutuu ofiitti isa fudhatan garuu tajaajilli isaa rakkina godhae. Inni Qorontoositti deebi'uu dide (cf. 1Qor. 16:12).

▣ **"mandara iskindiriyaatti dhalate"** Kun Impaayera Roomaa keessatti guddinaan magaalaa lammaffaa yommuu taatu, mana kitaabara guddaa qabarachuu fi barumsaan kan beekamtu turte. Isheen Yihudoota hedduu of keessaa qabdi ture (Macaafni Qulqulluun Hibroota irraa afaan Giriikiitti hiikameefii ture, Seepchu'ajint) manni Philoo, Yihuudii beekamaa, ni'o-philaxon, beekaa bakka bu'eedhaan waa ibsu, achi ture.

▣ **"mandaraa Efesoon dhufe"** Hojiin Ergamootaa, barreeffama gadi fageenya qabu kan tooraan taa'e miti. Phaawuloos kan deeme yeroo xinnoo dura ture (cf. Lakk. 23).

▣ **"nama arraba qajeelu"** Jechi kun Giriikiidhaan nama arraba qajeelu yookiin kan barate jechuu ta'uu danda'a. Seepchu'ajint (Macaafa Qulqulluu isa Afaan Giriikiitti hiikame) keessatti immoo logio nama dubbii Waaqayyoo dubbatu jechuudha. Apholoos ummata fuulduratti dubbachuudhaan (dubbii Giriikii kan nama amansiisu) Phaawuloosiin caaluun isaa beekamaa ture (1Qor. 1:17; 2:1; 2Qor. 10:10; fi 11:6 wajjin madaali). Inni lallabara cimaa ture!

▣ **"Macaafotas gaarii godhee kan beeku ture"** Jechi "Macaafota" jedhu Kakuu Moofaa ibsa. Kakuu Haaraa keessatti barreeffamonni filatamoon wabii ta'anii fayyadan macaafota Kakuu Moofaati (cf. 1Tas. 2:13; 2Xim. 3:16; 1Phex. 1:23-25; 2Phex. 1:20-21), kun garuu 2Phex. 3:15-16 irratti barreeffamoonni Phaawuloos wabii ta'anii fayyaduu isaanii irraankan hafedha. Apholos Kakuu Moofaa sirriitti beeka ture.

Jechi "Gaarii godhee" jedhu *dunatos*, kan Luq. 24:19 irratti Yesuus dubbii fi hojiidhaan danda'aa ta'uusaa fi HoE 7:22 irratti immoo Musee agarsiisudha.

**18:25 "Waa barsiifame"** Kun wanta gochi irratti raawwatamee karaa nannawaattii ibsamedha (cf. Luq. 1:4). Inni hamma murtaa'e yookiin yeroo murtaa'eef, waa'ee Yesuus barsiifamee ture. Qarxis Vaa'ugaan HoE fuula 118, barreeffama miiljalee #2 irratti wantoonni Apholos bararee fi wanti isatti lallabame tarreeffamaniiru.

1. Yohaannis masihicha dura kan dhufe ture
2. Masihichi hoolaa Waaqayyoo isa cubbuu biyya lafa irraa fudhatu ta'uusaa agarsiisa.
3. Yesuus namni Naazireet masihichaa

Lallaba isaa keessatti qalbii diddiirannaan baray'inana tureera jedheen yaada, sababni isaa lallaba Yohaannisii fi kan Yesuus keessas tureera waan ta'eef.

▣ **"dubbii gooftaa"** "karaa" kan jedhu mata duree isa jalqabara ittiin duuka buutonni Yesuus ibsamanidha (cf. 9:2; 19:9,23; 22:4; 24:14,22; Yohaannis 14:6). Kakuu Moofaa keessatti yeroo baay'ee ni fayyada (cf. Kees. 5:32-33; 31:29; Far. 35:8), kan inni ibsu immoo amantii aadaa ture. Caaffata kana keessatti hiikaa akkasii qabarachuu fi dhisuu isaa sirriitti hin beekamu (cf. 18:26).

Apholos waa'ee Yesuusis waa beeka ture, garuu kun tajaajila inni lafarratti godhe keessaa isa gara boodaa malee, wangeela isa dhiphachuu fi du'aa ka'uu gooftaa dura ture miti. Inni "seenaa isa hafe" baruu barbaradee ture (Paawol Harvey).

▣ **“hafuura gubaradhaan”** Kun jecha jechaan yoo hiikame “hafuura gubachuu” jechuudha. Gaaleen kunkan kaa’ame fedha Apholos waa’ee jireenyaa fi barsiisa Yesuus waan baree fi hubatu sanaaf qabu ibsuufidha.

▣ **“inni cuuphaa Yohaannis duwwaa beeke”** Gaaleen kun mala Luqaas ittiin duuka buutota Yohaannis ibse ta’uu danda’a (19:1-7 keessatti). Jaarraa tokkoffaa keessa Filisxeemitti waa’ee barsiisaa fi lallaba Yohaannis cuuphaa irratti shakkii baay’een uumamee ture.

Yohaannis Raajota Kakuu Moofaa keessaa isa dhumaati. Inni dhufaatii Masihichaatiif namoota qopheessaa ture (cf. Isa. 40:3; Matt. 3:3), garuu inni lallabara wangeelaa isa jalqabara miti. Barsiifni Apholoos baray’inaan Yohaannis irratti yoo xiyyeeffates inni barbarachisummaa Yesuus dagateera. Yohaannisii fi Yesuus lallaba isaanii keessatti “qalbii jijjiirrannaa” “amantii” fi “Waaqayyoon gammachiisaa jiraachuu” sirriitti cimsanii lallabu turan. Lamaan isaanii iyyuu Yihudoota waman. Garuu, ergaan Yesuus gara handhura Isaa hubachiisuutti uddate (Fakk. Yoh. 10 fi 14). Tarii kun wanta Apholos dhabe ta’uu danda’a.

**18:26 “ija jabummaadhaan mana sagadaatti dubbachuutti ka’e”** Xumurri kun Phaawuloos mana sagadaatti Yihudootatti dubbachuu isaa (13:46; 14:3; 19:8 irratti) fi Fesxoos duratti dubbachuu isaa (26:26 irratti) ibsuuf fayyadeera. Apholoos lallabara cimaa fi kan fiixaan ba’eef ture.

▣ **“mana sagadaatti”** Phrisqiilaa fi Aqiilaan achi turan. Akkasumas kun barsiifata Phaawuloos ture.

▣ **“Phrisqiilaa fi Aqiilaa”** Isheen duraan si’a baay’ee ibsamteetti, 18:18, 26; Rom. 16;3; Xim. 4:19. Kun baay’ee waan hin baramne ture. Isheen tarii miseensota gita Roomaa keessaa nama Ishee cimtuu turte. HoE 18:2 keessatti, Aqiilaan Yihudii jedhamtetti, garuu Phrisiqiilaan hinjedhamne. Isaan bara 49 Dh.K.B ajaja mooticha Kilaawudiyoosiin Roomaa akka gad dhiisaniif dirqisiifaman. Isaan Phaawuloosiin Qorontoositti arganii isa firoomfatan hamam Efesoonittis isa duukaa bu’an. Sadan isaanii iyyuu dunkaana hodhu turan.

▣ **“ofitti isa fudhatanii”** Kun kan inni ibsu namni tokko akka hiriyaatti simatamuu yookiin fudhatamuu isati. Phirisqiilaa fi Aqiilaan akkamitti fi eessatti Apholoosiif kana akka godhan sirriitti wanti beekamu hin jiru. Tarii isaan kophaatti yookiin immoo manatti geessanii isatti dubbatan ta’a. Isaan ummata duratti isatti hin dubbanne, gaaffis isa hin gaafanne!

▣ **“caalchisanii karaa Waaqayyoo isa hubachiisan”** Inni nama barsiisa fudhatu ture, kun garuu namoota baratanii fi kan kennaa qaban bira badaa hin jiru! Inni barsiisa isaan waa’ee Yesuus isa barsiisaniif deebii laateera.

**18:27 “biyya Akaayyaatti ce’uu yommuu barbarade”** Barreeffamni Giriikii O’n “kiristiyaanota Qorontos kadhate.” Jedha. Inni akka lallabara isaanii ture (haala Afaan Giriikiitiin).

▣ **“obbolonni caaffataan”** Xalayaan deggeersaa kan waldaa tokko irraa gara kan biraatti barreeffaman Rom. 16:1; 2Qor. 3:1; fi 2Yoh. Irratti tuqamaniiru. Kun karaa ittiin waldaan dur brsiisota sobara kan iddoo garaagaraa dhaqanii lallaban ittiin of irraa eegdu ture.

▣ **“ayyaana isa argateen warra amananiif baay’ee gargaarsa ta’e”** Gaalee kana hubachuudhaaf karaa lamatu jira.

1. Kun kan agarsiisu amantoota warra durumaan ayyaanichaan fayyanidha (NASB, NKJV, NRSV, TEV)
2. Kun kan agarsiisu Waaqayyo ayyaanaan Apholoosiin cimsuu isaati (NJB)

Xumurri, gargaarsa ta’e, jedhu agarsiiftuu gidduuti. Apholos eebba ture!

Xumurri “amantiif” jedhu gocha xumurame kan isaan durumaanuu amanuu isaanii agarsiisanidha. Apholos Qorontositti, lallabara wangeelaa utuu hin ta’in, kan namoota hordofu ta’ee hojjechaa ture.

**18:28** Apholos Kakuu Moofaa akkuma Pheexiroos, Isxifaanosii fi Phaawuloositti fayyadamee. Kakuu Moofaa keessaa Yesuus masihicha ta'uu isaa agarsiisuun lallaba Hojii Ergamootaa keessatti Yihudootatti lallabamu keessatti waan irra deddeebi'ee mul'atudha.

**GAAFFILEE MARII**

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiika mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna, Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiika laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffiileen marii kun kan dhiyaatan akka ati dimmoota gurguddaa kutaa macaafa kana keessa jiran keessa deebitee yaadduufidha. Gaaffileen kun kan ibsa laatan utuu hin ta'in kan tutuqaniidha.

1. Kakuu Haaraa keessatti Phrisqiilaan maaliif yeroo baay'ee dura dhi'aatti?
2. Phaawuloos akkamittiin Phrisqiilaa fi Aqiilaa bare? Maaliif?
3. Phrisqiilaa fi Aqiilaan erga sanaa roomaatti deebi'aniiruu?
4. Haala (akkaataa) lallabara Phaawuloosii fi kan Apholos waliin madaali.
5. Apholoos utuu Phrisqiilaa fi Aqiilaa wajjin hin dubbatin dura kiristiyaana turee?

# HOJII ERGAMOOTAA 19

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Phaawuloos Efesoonitti | Phaawuloos Efesoonitti | Tajaajila dheeraa Phaawuloos Efesoonitti godhe | Phaawuloos Efesoon keessatti | Duuka buutota Yohaannis Efesoonitti |
| | | | | 19:1-7 |
| 19:1-7 | 19:1-10 | 19:1-7 | 19:1-2a | |
| | | | 19:1-2b | |
| | | | 19:3a | |
| | | | 19:3b | |
| | | | | Efesoonitti waldaan hundaa'uu ishee |
| | | | 19:4 | |
| | | | 19:5-7 | |
| | | | | 19:8-10 |
| 19:8-10 | | 19:8-10 | 19:8-10 | |
| | | | | Yihudoota hafuurota hamaa baasan |
| Ilmaan Iskoyaas | Dinqiiwwan ta'aniin Yesuus ulfeefamuu isaa | | Ilmaan Iskoyaas | |
| | | | | 19:11-12 |
| 19:11-20 | 19:11-20 | 19:11-20 | 19:11-14 | |
| | | | | 19:13-17 |
| | | | 19:15 | |
| | | | 19:16-20 | 19:18-19 |
| | | | | 19:20 |
| | | | | Karoora Phaawuloos |
| Goolii Efesoonitti ka'e | Goolii Efesooniitti ka'e | | Goolii Efesoon keessatti ka'e | |
| | | | | 19:21-22 |
| 19:21-27 | 19:21-41 | 19:21-22 | 19:21-22 | |
| | | | | Efesoon: Goolii namicha meetii baqsuun ka'e |
| | | 19:23-27 | 19:23-27 | 19:23-31 |
| 19:28-41 | | 19:28-41 | 19:28-34 | 19:32-41 |
| | | | 19:35-41 | |

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Quqlulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoo tokkon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Quqlulluunii fi Hafuurri Quqlulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hinjiraatu.

Boqonnaa al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama qullummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan hiruun dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaan furtuudha. Kun immoo giddu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyata gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffa

4. Kkf

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 19:1-7**
**[1]Apholos amma illee Qorontoos utuu jiruu, Phaawulos kutaa biyya gara olii keessa darbee, Efesoon
dhufe. Achitti immoo bartoota gooftaa tokko argate. [2]"Yeroo amantan Hafuura Qulqulluu
fudhataniitti?" Isaaniin jedhe. Isaan immoo, "Hafuurri Qulqulluun akka jiru iyyuu nuyi hin
dhageenye" jedhanii deebisan. [3]Kana irratti Phaawuloos, "Yoos immoo isin maalitti cuuphamtanree?"
jedhe: isaan immoo "Isaan immoo "cuuphaa Yohaanisitti" jedha. [4]Phaawuloos yommus, "Yohaannis isa
booddee isa dhufuuf turetti, kana jechuunis Yesuusitti akka amanan saba barsiise, cuuphaa
geeddarannaa yaada garaa cuuphe" jdhe. [5]Jarri kana dhaga'anii maqaa gooftaa Yesuusitti cuuphaman.
[6]Yeroo Phaawuloos harka isaa isaanirra kaa'etti Hafuurri Qulqulluun isaan irratti bu'e: Isaan afaan in
beekamneen haasa'an, raajiis ni dubbata. [7]Isaan walumatti akka namoota kudha lamaa turan.**

**19:1 "kuta biyyaa gara olii"** Kun karaa biraa isa kutaa biyyaa gaa olii keessa ba'ee gara wadloota yeroo tajaajila Phaawuloos dura kibba Galaatiyaatti godhe dhaabatanii geessu agarsiisa.

**19:2 "yeroo amantaan hafuura Qulqulluu fudhataniittuu?"** Duuka buutota (Lakk. 1) jedhamuun isaanii fi sagaleen "yeroo amantan" jedhu amantoota turuu isaanii agarsiisa. Gaaffiinkun (1) namni tokko yeroo amanetti dhuunfaatti Hafuura Qulqulluu fudhachuu (raawwii darbe) fi (2) hojii qopheessuu hafuurichaa isa malee amanuun iyyuu kan hin danda'amne (cf. Yoha. 6;44, 65; Rom. 8:9) kan wal qabsiisudha. Hojiin Hafuurichaa sadarkaa fi gulantaa qabu (cf. Yoh. 8:11-15). Macaafni Hojii Ergamootaa mataan isaa namoonni hiika laatan bara kanaa qabiyyeewwanii fi tartiibota fayyinaaf "dirqama ta'an irratti yaada mataa isaniitti duwwaa akka hin cichine akeekkachiisuu danda'a. Hojiin Ergamootaa yeroo hundumaa waan ta'uu qabu utuu hin ta'in waan ta'e galmeessa. Fayyinni walitti dhufeenya dhuunfaa kan namummaa guutumatti dhuunfatudha. Garuu yeroo baay'ee kun akkuma walitti dhufeenyichi hida gadi fageeffatuu fi dubbiin Macaafa Qulqulluu akkuma caalaa hubatamaa adeemu muuxannoo guddataa adeemudha.

▣ **"hafuurri qulquluun akka jiru iyyuu nuyi hin dhageenye"** Lallabni Yohaannis hafuuricha malee bu'aa hafuuraa fiduu hin danda'u ture (cf. Rom. 8:6-11; 1Qor. 12:3; 1Yoh. 4:2). Yohaannis lallaba isaa keessatti waa'ee hafuurichaa dubbatee ture (cf. Mat. 3:11; Marq. 1:8; Luq. 3:15; Yoh. 1:32-33). Garuu kan isaa ergaa

qophaa'inaa akka ture yaadatamuu qaba, ga'aa hin ture (cf. Isa. 40;3; Mat. 3:3). Yohaannis raajii Kakuu Moofaa isa dhumaa fi lallabara yeroo ce'umsaa fi dhufaatii Masihichaatiif kan qopheessu ture. Inni namootatti Yesuusiin agarsiise (cf. Yoh. 1:19-42).

**19:3 "yoosimmoo isin maalitti cuuphamtaniiree?"** Jarri duuka buutoota Yohaannis cuuphaa turan. Ifa qaban sanaafiis amanamtoota turan. Garuu waa'ee jireenyaa, du'aa, du'aa ka'uu fi ol buutinsaa (wangeela) Yesuus akkuma Apholos godhe (18:24-28) ibsa dabalataa jara barbaachisa.

**19:3-4 "Cuuphaa Yohaannis"** Cuuphaan Yohaannis qalbii diddiiranna fi eeggachuu of keessaa qaba ture (cf. Mat. 3:11; Marq. 1:15). Garuu, Yesuusitti amanuudhaan guutuu ta'uu qaba. Seenaa irraa akka beeknutti jaarraa tokkoffaa keessaa gareen barsiisa sobarra hordofanii baay'een hordoftoota Yohaannis cuuphaa ofii jedhanii dhaabatanii turan ("*Recognitions of Clement*, boqonnaa 60). Seenaa kana galmeessuun karaa ittiin Luqaas dhiibbara gartuu kana hambisuu barbarade ta'uu danda'a. Tajaajilli Yohaannis ofii isaa utuu hin ta'in Yesuusiinkan agarsiisu ture (cf. Yoh. 1:19-42).

**19:4 "Isatti amanani"** Mata duree addaa amantii jedhu 3:16 irratti ilaali.

**19:5 "jarri cuuphaman"** Mata duree addaa 2:38 irratti ilaali.

▣ **"maqaa gooftaa Yesuusitti"** Luqaas cuuphaa "maqaa Yesuusiin" jedhee ibsa (cf. 2:38; 8;12,16; 10:48). Mata duree addaa maqaa gooftaa jedhu 2:22 irraa ilaali. Maatewos cuuphaa "Maqaa abbaratti kan Ilmaa fi Hafuura Qulqullutti" jedhee ibsa (cf. Mat. 28:19). Fayyinaaf furtuu kan ta'e haala adeemsa cuuphaa utuu hin ta'in laphee nama cuuphamuutti, adeemsicha akka furtutti ilalauun xiyyeeffannaa iddoo dogoggora ta'e irra kaa'uudha. Fayinni sirni saba tokkoo akka sirna amantii kirisityaanaatti sirrii ta'uu isaa fi dhiisuu isaa utu hin ta'in qalbii diddiirannaa/amantiidhaan Yesuus wajjin tokkummaa uumuudha. Hubachiisa 2:38 irra jiru ilaali.

Apholosiin akka beeknutti, cuuphaa Yohaannis duwwaa kan beeku, hin cuuphamne ture. Lallabara fi barsiisa isaa humnaan guute sana keessatti hafurichi jiraachuun isaa beekamaa ture.

**19:6 "yemmuu Phaawuloos harka isaa isAan irra kaa'etti Hafurri qulqulluun isaanitti bu'e"** Harka irra kaa'uun yeroo baay'ee hafuuraan walqabatee ibsama (cf. 8:16-17; 9:17). Garuu, yeroo hunda miti (cf. 10:44). Mata duree addaa 6:6 irra jiru ilaali. Macaafni Qulqulluun karaa sadiin hafuuraa fi nama amane wal-qabsiisa (2) yeroo amanutti; (2) yeroo cuuphaatti (3) Harka irra kaa'uudhaan. Adeemsi garaa garaa kun akeekkachiisuu danda'a. Hojii Ergamootaa adeemsa garaa garaa barsiisuuf utuu hin ta'in, haala garaa garaa socho'uu hafuura Qulqulluu ibsuudhaafi.

Duuka-buutonni Yohaannis kudha lamaan kun dubbiin isaan dubbatan kan na ajaa'ibsiisu ta'uu isaa fudhachuun qaba. Yeroo baay'ee Hojii Ergamootaa keessatti arrabni Yihudoonni amana Waaqayyo gartuu biraa simate ykn daangaa lafaa cabse jechuu isaaniitiif ragaadha (barreeffama isaa guutummaatti 2:4b irraa ilaali). Namoonni kun gartuu haaraa isa kam bakka bu'u? Isaan duuka buutota turan (Lakk. 1). Luqaas taatee kana caafuu malaiif filate? Boqonnaa 18 keessatti Apholoosii wajjin walqabsiisuuf fo'ate. Kun adeemsichaan wal hin simu, kana jechuun namoonni hiikaa laatan dhimmicha walsimsiisuu ykn barreeffama Luqaas gingilchaa wal hin simne irratti calaluu barbaraduu isanai jechuu ta'uu danda'a! Arabaran haasa'uun kun warra Qorontosiin wal fakkaachuu danda'a!

▣ **"raajiis ni dubbatan"** Akka Kakuu Moofaatti dubbiin kun yaada miira gammachuu guddaa keessa galuu agarsiisu of keessaa qaba (cf. Sam. 10:10-12; 19:23-24). Galumsi isaa hiika kana deggeeruu danda'a. garuu dubbiin kun 1 fi 2 Qorontos keessatti (cf. 11:4,5,9; 14: 1,3,4,5,24,3,39) sodaa malee wangeelaa labsuu agarsiisa. Kakuu Haaraa keessatti raajii ibsuun ulfaataadha. Hafuuraan guutamuun yeroo baay'ee sodaa malee wangeela labsuun waan wal-qabatuuf, kun hiika dubbii kanaas ta'uu danda'a.

**19:7 "isaan walumatti akka namoota kudha lamaa turan"** Lakkoofsi kudha lama lakkoofsota Macaafa Qulqulluu keessatti akka mallattootti fayyadan keessaa isa tokko, asitti garuu seenaan waan walqabate fakkaata. Mata duree addaa: kudha lama 1:22 irraa ilaali.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 19:8-10**

**[8]Phaawuloos immoo hamma ji'a sadi'iitti mana sagadaa warra Yihudootaatti deddeebi'ee, ija jabinaan barsiise, yeroo kanattis wajjin dudubbachaa akka isaan amansiisuufis waa'ee mootummaa Waaqayyoo hubachiisaa ture. [9]Isaan keessaa kaan garuu mata jabeeyyii waan turaniif, namoota sana keessatti barsiisa karaa kiristaanaa irratti wana hamaa ni dubbatu turan malee, hin amanne. Akkasitti Phaawuloos warra amanan of duukaa fudhatee jar asana keessaa ba'e; guyyaa guyyaatti mana barumsaa xiraanos warra amantootaa wajjin dubbachaa ture. [10]Kunis akka waggaa lamaa itti fufnaan, namoonni kutaa biyya Asiyaa keessa jiraatan hundinuu Yihudoonnii fi Giriikonni dubbii gooftaa ni dhaga'an.**

**19:8 "mana sagadaa warra Yihudootaatti dedeebi'e"** Kun adeemsa Phaawuloos hordofu ture (cf. 9:20; 13:5,14; 14:1; 17:2,10; 18:4,19,26).

▣ **"ija jabinaan barsiise"** Kun gocha darbe gidduu kan agarsiisudha. Kunis bu'aa "hafuuraan guutamuu" keessaa tokko ture (cf. 4:13,29,31; 9:28,29; 14:3; 18:26). Phaawuloos haala qabatamaa kanaaf Efe. 6:19 ni kadhata.

▣ **"ji'a sadi'iif"** Manni sagadaa warra Yihudootaa Efesoon jirtu kun akka lallabuuf, barsiisuu fi isaanii wajjin falmuuf Sanbata baay'eedhaaf Phaawuloosiif ayyamtee turte. Kun mataa isatiin sadarkaa wangeelaaf banaa ta'uu kan agarsiisuufii dandeettii Waaqayyo Phaawuloosiif kenne irratti immoo jajabina ture.

▣ **"mootummaa Waaqayyoo"** Kun hundee barsiisa Yesuus ture. Kun mootummaa Waaqayyoo jireenya namaa ammaa keessatti isa guyyaa tokko akkuma Waaqa irratti ta'e lafa irratti ta'u garsiisa (cf. Mat. 6:10). Mata duree addaa 8:12 irraa ilaali.

**19:9 "kana garuu mata-jabeeyyii waan turaniif"** Namni wangeela dhaga'e hundumtuu filannoo qaba (cf. 17:32,34). Kun fakkeenya namicha sanyii facaasu hin agarsiisudha. (cf. Matt. 13; Marq. 4). Kun dhoksaa warra jal'ootaati (cf. 2Qor. 4:4).

Jechi "mata-jabeeyyii waan turaniif" jedhu (*sklērunō*) gocha yeroo darbe keessa jalqabe yookiin irra deebi'ame agarsiisa. Kun jecha Rom. 9:18 keessatti Waaqayyo Israa'elota mata-jabeeyyii gochuu isaa agarsiisuu fi xumurri Ibroota 3 fi 4 (cf. 3:8,13,15: 4:7) keessatti irra deebi'amee guyyaa qoramsaa sanatti Israa'elota mataa jabaratan kan agariisudha. Waaqayyo ofii isaatii laphee nama jaalatuu fi fakkeenya isaatti uumamee hin jabeessu, garuu mormiin namaa akka of ibsu ayyamuu danda'a (cf. Rom. 1:24,26,28) fi hamini namaa akka uumama isaa miidhu gochuu danda'a (cf. Efe. 2:1-3; 4:14; 6:10-18).

▣ **"namoota sana keessatti barsiisa karaa kiristiyaanaa irratti waan hamaa ni dubbatu turan"** Wangeelli qajeelfamoonni murteessoon yoo irra ce'umsan wanti hundee ta'uu danda'u waan hin jirreef, ilalcha dhiphummaa fi hojii irratti xiyyeeffatu isa kan warra Yihudootaa irraa baay'ee addadha.

Irra deddeebi'ee mormii warri Yihudootaa wangeelaaf qaban ibsuun Luqaas itti fufa (cf. 13:46-48; 18:5-7; 19:8-10; 28:23-28).

▣ **"karaa"** hubachiisa 18:25 irra jiru ilaali.

▣ **"mana barumsaa Xiraanos"** The Codex Bezae, O" jaarraa 5ffaa irraa, Phaawuloos ganama sa'aatii 5 hanga sa'aatii booda sa'aatii 10tti, yeroo magaalittii harki caalana boqonnaa qabduu fi yeroo mannis argamutti akka barsiise ibsa. Kun gosa afoolaa ta'uu danda'a. Phaawuloos yeroo daldalaa idileetti hojjechaa yeroo boqonnaatti immoo barsiisaa ture ta'uu danda'a (cf. 20:34).

Akka eenyummaa Xiraanositti ibsa baay'eetu ture.

1. Inni barreessaa (sophist) suyidas waa'ee isaa dubbate ture. Suyidas jaarraa kurnaffaa keessa barreesse, garuu maddaa amansiisaa yeroo durii kaasee jiru fayyadamee. Barreeffamoonni isaa akka Insaayikiloopidiyaa, siyaasaa, barreeffamaa fi abbootii amantiitti ilaalamu.
2. Inni barsiisaa warra Yihudootaa (Meyer) seerot Musee barsiisuudhaaf mana barumsaa dhuunfaa dhaabate ture, garuu kana ta'uu isaatiif ragaan barreeffamaa hin jiru.
3. Kun gamoo iddoo itti ispoortii hojjetan turee, garuu booda kutaa itti barsiisan ta'e, kunis kan Xiraanos ture ykn maqaa isaatti moggaafame.
4. Phaawuloos mana sagadaa sana dhiisee deemuu qaba ture manicha kana fayyadamanis amantoota baay'eetu ture, kanaaf inni kutaa barumsaa dugda bitate. Kunis ummata Efesoonii wajjin hamma, tokko wal isa quunamsiise.

**19:10 "waggaa lama"** 20:31 keessatti walumaa galatti yeroo bulchiinsa sana keessa ture dubbata (waggaa sadii).

▣ **"namoonni kutaa biyya Asiyaa keessa jiraatan hundinuu…dubbii gooftaa ni dhaga'an"** Kun olkaafamee akka dubbatame beekamaadha. Yesuus yeroo baay'ee waan dubbatu xiyyeeffannaadhaan dubbata. Kun salphaadhumatti barreeffama warra bahaa agarsiisa.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 19:11-20**
**11 Waaqayyo dinqii takkaa hin beekamin harka Phaawuloosiin ni raawwata ture. 12 Kanaafis erbeen inni ittiin dafqa haxaawatu yookiis marati isaa warra dhukkubsatanitti yommuu geeffamu, dhukkubni isaanii isaan ni dhiisa, hafuuronni hamoonis keessaa ni ba'u turan. 13 Yihudoonni warri isii fi achi adeemanii hafuurota hamoota baasanis turan; isaan immoo namoota hafuurota hamoota qabanitti maqaa Gooftaa Yesuus waamuu yaalanii, hafuurota sanaanis, maqaa Yesuus isa Phaawuloos lallabuutiin abboomamaa!" jedha. 14 Ilmaan Iskoyaas, angafa lubootaa warra Yihudootaa, torbanuu kana gochaa turan. 15 hafuurri hamaan garuu deebisee, "Yesuusiin beeka, jedhee gaafate. 16 Namichi Hafuurri hamaan keessa tures isaanitti utaalee, humna isaan caalee uffata irrati cire; jarris mamadaa'anii qullaa isaanii harkaa ba'anii mana sanaa baqatan. 17 Kunis Yihudootaa fi Giriikota Efesoon jiraatan biratti ni beekame. Kana irratti isaan guddaa na'an; maqaan gooftaa Yesuus garuu ulfina guddaa argate. 18 Warra amanan keessaas baay'een dhufanii, cubbuu isaanii mul'inati himatanii waan hojjechaa turan beeksisan. 19 Isaan keessaas warri qoricha namatti gochaa turan macaafota ittiin hojjechaa turan walitti guuranii, fuula hunduma isaanii duratti guban; gatiin macaafota sanaa hamma meetii kuma digdamii shaniitti shallagame. 20Akkasitti dubbiin gooftaa humna isaa agarsiisee, bal'achaa guddachaas ni adeeme.**

**19:11** Kun yeroo jalqabara itti Waaqayyo dhugaa isaa fi nama isaaf dubbatuuf mirkaneessuuf dinqii ta'ee hin beekne itti hojjete miti (cf. 3:1-10; 5:15; 8:6,13; 9:40-42; 13:11-12; 14:8-11). Barmaatileen qoricha namatti gochuu fi barsiisi isaanii Efesoon keessatti babal'atee hundee gadi fageeffatee ture. Waaqayyo, araaraan guutuu waan ta'eef, aangoo fi humna Waaqummaa isa Masihii isaa keessa ture karaa Phaawuloos akka saba seexanaan walitti hidhaman kanatti of mul'isu gogodhe. Yaa, araara Waaqayyoo!

**19:12 "erbee"** Kun marata yeroo hojii dafqaaf mantaatti maratame ta'uu danda'a.

▣ **"marata"** Kun marata hojii kan marata warra hojii mukaa hojjetanitiin wal-fakkaatudha. Hojiin fayyisuu kun gargaarsa Waaqayyoo fi humna isa agarsiise, akkasumas wangeelaa fi tajaajila Phaawuloos mirkaneesse.

▣ **"hafuuronni hamoonis keessaa ni ba'an"** Asitti hafuuronni xuraa'oon (cf. Luq. 10:17; HoE 8:2) Kun "hafuuroota hamoota" jedhaman (cf. Matt. 12:45; Luq. 7:21; 8:2; 11:26; HoE 19:12,13,15,16). Garuu Luqaas "Hafuurota xuraa'oo" (cf. 5:16; 8:7). Hojii Ergamootaa 16:16 keessatti hafuurri kun "hafuura hooda himuu" jedhameera. Gaaleewwan kun hundumtuu hiikaa waliiti. Phaawuloos yeroo baay'ee dubbii olaantummaa agarsiisu kan akka "Gooftummaa, aboo, humuu, mootummaa hamma jiru hundumaa" (Efe. 1:21), "warra bantii Waaqaa keessaa goftummaa qabanii fi warra Aboo qabu jedhamanitti" (Efe. 3:1), yookiin "humnoota aboo

qabanii fi gooftummaa qaban, warra bantii Waaqaa keessa biyya lafaa isa dukkana keessa jiru kana seeratan, macca hafuurota haminaa warra bantii Waaqaa keessa jiraatanii wajjin wal'aansoo wal qabna" (Efe. 6:12) dubbata. Kun humna hafuurota hamootaa qindaa'e kan agarsiisu ta'uu qaba. Garuu akkamitti, maaliif, eessatti fi eenyu kan jedhan hundumtuu tilmaama, sababin isaa Macaafa Qulqulluun ibsa gadi fagoo hojii hafuuraa kanaa hinkaa'u. Humna Kiristoos (fi ergamoota isaa) seexana irratti fi mootummaa dukkanaa fi du'aa isaa irratti qabu mul'inatti agarsiisuu danda'a. "Maqaan" Yesuus maqaa hundumaan oli! Isa beekuun fayyina, naaa, qulqullummaa, deebi'uu fi fayyaa fida.

**19:13-16 "Yihudoonni warri hafuurota hamoota barasan"** Yihudoonni hafuurota hamoota barasan bal'inaan beekamu ture (cf. Luq. 11:19). Yaadni kun Mul'inatti hafuura hamaa barasuun qoricha namatti ochuun utuu hint a'in walitti dhufeenya dhuunfaadhaan Yesuusii wajjin qabaniin ta'uu isaa agarsiisa. Barreeffamni kun gadisiisaaa yoo ta'uu barate, ajaa'ibsiisaa ta'a ture! Yosefas waa'ee Yihudoota hafuura hamaa barasaii Antiq 8.2.5 keesstti Eleazar tokkoon qoricha namatti gochuu Solomon fayyadameee dubbata.

**19:13 "hafuurota hamoota"** Kun hafuuroota xuraa'oo agarsiisa. Kakuu Haaraa yeroo baay'ee waa'ee hafuuraa kana ni dubbata, garuu ka'umsa ykn waa'ee qindoomina isaa gadi fageenyaan ykn waa'ee hojii isaa hin ibsu. Fedhii beekuuf jiru, sodaaan fi haalli qabatamaan tajaajilaa talmaamni baay'een akka kaa'amu godhaniiru. Kennaan hafuura hamaa barasuu Kakuu Haaraa keessatti hin tarreeffamne, garuu barbarachisummaan isaa beekamaadha. Kitaabonni barbarachisoo muraasni

1. "*Christian Counseling and the Occult*" Kouchin
2. "*Biblical Demonology and Emons in the Word Today*" Unger,
3. "*Prinsipalities and powers Montigomeriin*
4. "Christ and power" Hendrik Berkholfin; fi
5. "*Crucial Questions About Spiritual Warfare*" Klintoniin. Mata duree addaa: Waa'ee hafuroota hamaa 5:16 irraa ilaali.

**19:14 "Iskoyas, angafa lubootaa"** Beektonni baraa maqaa kana barreeffama biraa kamiyyuu keessatti hin argatan. Yihudoota angafoota lubara ta'aniif (*archereus*) Efesoon keessa taa'uun rakkisaadha. Manni sagadaa xiqqaan tureera, garuu manni qulqullummaa warra Yihudootaa Yeruusaalem duwwaa jira. Luqaas maqaa kana Hojii Ergamootaa fi wangeela isaa keessatti angafoota lubootaa fi maatii isa Yeruusaalem jiraniif yeroo baay'ee fayyadama.

Namoonni tokko tokko akka jedhanitti namni kun hanga tokko maatii angafoota lubootaatti ykn dursaa tartiiba lubootaa digdamii arfan daawitiin kaa'ame keessaa isa tokkoon walquunnamtii qaba tilmaama jedhu qabu (cf. 1Qor. 24:7-19).

Namni kunii fi ijoolleen isaa luboota turan yoo a'e, YHWH akka warra qoricha namatti godhaniitti akka maqaa humna qabuutti fayyadamuu dhiisuun isaanii nama dinqisiisa.

**19:15 "Yesuusiin beeka, Phaawuloosiinis bareera"** Xumurri jalqabara *ginōsokō*; inni lammaffaan immoo epistama; dha. Hanga tokko hiikaa walitti ni fayyadu, garuu akka galumsa asiitti argamuutti Yesuusiin beekuu fi Phaawuloosiin immoo akkanama waa'ee Yesuus dubbatuutti beekuun hafuura hamaa kanaa gidduu garaagarummaan jira.

**19:17** Luqaas kana kan barreessu Hafuurri Qulqulluun akkamitti Yesuusiin ol kaasee mul'isaa akka ture agarsiisuufidha. (raawwii hin xumuramne).

**19:18 "warra amanan"** Kun gocha xumurame agarsiisa. Gaaffii kan ta'u, humna Waaqummaa beekuutti amananiiruu ykn gaaleen kun akka haaraatti wangeelatti amanuu isaanii ni agarsiisaa? Kan jedudha. Amantoonni haaraa wangeelatti amanan dhibbara amantii hundee hin qabne irraa dafanii adda ba'uu dhiisuu danda'u. Mata duree addaa: Ennaa xumura afaan Giriikii fayyina bakka bu'an 2:40 irraa ilaali.

Warri waa'ee Waaqayyoo beekan jedhan duraanii wanta Yihudoota warra hafuura hamaa barasan irratti wanta ta'e arganii harka laachuun isaanii hin hafne (Lakk. 13-16). Ergaan taatee kana,, inni humna nama/maqaa Yesuus

agarsiise ariitiidhaan babal'ate (cf. Lakk. 17). Namoonni kun humna "maqaa Yesuus" sirriitti beekuun isaanii hin hafne.

▣ **"dhufanii"** Kun GIDDUU GOCHA HIN XUMURAMNEE agarsiisa.

▣ **"cubbuu isaanii mul'inatti himatanii waan hojjechaa turan beeksisan"** Mdedtiraaniyaaniin durii waaqeffannaa garaa garaatiin guutuu turte. Formulaa/mala hojii afuura hamaa tokko saaxiluun hojjicha akka fashaleessu bal'inaan itti amanama ture. Kun karaa ittiin gochaawwan waaqeffannaa isaanii durii ittiin faalleessan ture. Barreeffama beekamaan waa'ee qoricha namatti gochuu "Barreeffama warra Efesoon" jedhamu addunyaa durii keessa ture! Taateen kun olaantummaa wangeelli waaqefannaa isaanii irratti qabu mul'isa (cf. Lakk. 20).

**MATA DUREE ADDAA: BALEESSAA HOJJETAN AMANUU**

A. Balleessaa ofii amanuu ykn dubbachuudhaaf hundee jecha Giriikii walfakkaaaa lamatu jira, *homolegeō* fi *exomologeō*. Jechi dacha Yaa'iqoob keessa jiru kan dhufe *homo* walfakkaataa*, legō*, haasa'uu, fi *ex* keessaa irratti. Hiikaan bu'uuraa waan walfakkaataa jechuu ykn wajjin walii galuu jechuudha. Ex. Inni jedhu yaada labsii hawaasaatti kan dabalamedha.
B. Hiikaan Afaan Ingiliffaa garee jecha kanaa
   1. Eebbisuu/Galateeffachuu
   2. Waliigaluu
   3. Labsuu
   4. Dubbachuu
   5. Amanuu
C. Gareen jecha kanaa faayidaa faallaa fakkaatu lama qaba ture.
   1. Galateffachuu (Waaqayyoon)
   2. Cubbuu ofii amanuu
   Kun kan madde yaada namni qulqulluummaa Waaqayyoo fi cubbamaa ta'uu isaaf qabu irraa ta'uu danda'a. Dhugaa tokko amananii fuedhachuun laachuu amananii fudhachuudha.
D. Itti fayyadamni garee jechaa kanaa Kakuu Kaaraa keessatti
   1. Waadaa galuudhaaf (cf. Mat. 14:7; HoE 7:17)
   2. Wanta tokko gochuuf walii galuu (cf. Yoh. 1:20; Luq. 22:6; HoE 24:14; Ibir. 11:13)
   3. Galateeffachuu (cf. Mat. 11:25; Luq. 10:21; Rom. 14:11; 15:19).
   4. Waliigaltee
      a. Namaa wajin (cf. Mat. 10:32; Luq. 12:8; Yoh. 9:2; 12:42; Rom. 10:9; Fil. 2:11; Mul'a 3:5)
      b. Dhugaa wajjin (cf. HoE 23:8; 2Qor. 11:13; 1Yoh. 4:2)
   5. Labsii ummataa gochuu (yaada seera-qabeessa gara amanti mirkaneessuutti guddate (cf. HoE 24:14; 1Xim. 6:13)
      a. Utuu yakka hin fudhatin (cf. Xim. 6;12; Ib. 10:23
      b. Yakka fudhatanii (cf. Mat. 3:6; HoE. 9:18; Ib. 4:14; Yaa'i. 5:16; 1Yoh.

**19:19 "warri qoricha namatti godhan"** Mata duree addaa 8:9 irraa ilaali.

Kitaabonni sun kan agarsiisan kitaabota guruddoo ykn maraa gogaa xixiqqoo kakuun ykn abararsi irratti barreeffamanidha. Isaan kun akkawwan wanta hamaa irraa nama eeguutti kan baratamaa turan. Gatii guddaan kan agarsiisu (1) hammam namoonni kun amantii sirrii hin taanetti qabamanii akka turanii fi (2) wangeelli akkamitti akka bilisa isaan barase!

▣ **"fuula hunduma isaanii duratti guban"** Kitaabonni kun gati jabeeyyii kun turanii fi gogaa gati jabeessa irraa kan hojjetamaa turan. Gubamuun isaanii amantoonni haaraan kun mul'inatti qalbii diddiirachuu isaanii fi "humnichatti" utuu hin ta'in Yesuusiitti amanuu isaanii dubbachuu isaaniiti!

**12:20** Ergaan wangeelaa jireenya dhuunfaan walqabsiifamee guduunfame. Guduunfaan Luqaas Hojii Ergamootaa kutaa ja'atti akka hirru nu taasisa (cf. 6:7; 9:31; 12:24; 16:5; 19:20; 28:31).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 19:21-22**
**[21]Dubbii kana booddee Phaawuloos biyya Maqedooniyaa fi Akaayyaa keessaa ba'ee Yeruusaalem dhaquudhaaf, murtoo godhate; "Ergan achi ga'ee immoo Roomaas arguun ana irra jira" Jedhee ture.**
**[22]Gargaartoota isaa keessaa lama Ximotewosii fi Erasxosin gara Maqedooniyaatti ergee, ofii isaatii kutaa biyya Asiyaa keessa takka ture.**

**19:21**
**NASB "Phaawuloos Hafuuraan murteesse"**
**NKJV "Phaawuloos Hafuuraan murteesse"**
**NRSV "Phaawuloos hafuuraan ta'ee salphise/hike"**
**TEV, NJB "Phaawuloos sammuu ofii amansiise"**
**TEV "Phaawuloos, hafuuraan gegeeffamee, murteesse"**

Asitti qindoomina hunda danda'uu Waaqayyoo fi fedha namaa argina. Jechi "Hafuura" jedhu kanarmaan gadii keessaa akka agarsiisu beekamaa miti.

1. Hafuura qulqulluu ykn
2. Hafuura namaa (cf. 7:59; 17:16; 18:25; Rom. 1:9; 8:16; 1Qor. 2:11; 5:4; 16:18; 2Qor. 2:11; 7:13; 12:18; Gal. 6:18; Fil. 4:23)

Kun Hafuura Qulqulluu yoo ta'ee fakkeenya biraa geggeessaan Waaqayyoo deebii sirrii namni kennuu wajjin wal sime agarsiisa.

Luqaas waa'ee taatteewwan booda barreeffama isaa keessatti ta'anii dursee yaada gabarabara laata. Luqaas Phaawuloos Yeruusaalem deemuudhaaf sababa goolii Demetriosiin ka'ee fi yakka namicha Efesoon keessatti meetii baqsuutiin utuu hin ta'in geggeessaa Waaqayyootiin akka murteesse akka hubate beekamaadha (jechunis i.e. lakk. 21)

▣ **"Roomaas arguun ana irra jira"** Phaawuloos gara Ispeen yommuu deemtutti waldaa Roomaa ilaaluu (cf. 9:15; Rom. 1:10) barbarade (dei). Inni akka isa hubatanii fi tajaajila isaa gargaaran barbarade. Akkasumas eeba/kennaa isaa haala isaaniitti dabaluu barbaradeera.

**19:22 "Eraxsos"** Namni maqaa kanaan Rom. 18:23 keessatti waamame jira. Inni magaala Qoronxoosiif numa gati jabeessa jedhama ture. Maqaan kun 2Xim. 4:20 keessatti ni argama. Kun nama tokko agarsiisuu danda'a, garuu kun sirriitti hin beekamu.

▣ **"ofii isaatii kutaa biyya Asiyaa keessa takka ture"** Wangeelli ulfinaan babal'achuu, bulchiinsitti irraan dhiibbara geessisaa fi amansiisaa ture (cf. 1Qor. 16:9).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 19:23-27**
**[23]Yeroo kana keessa waa'ee barsiisa karaa kiristiyaanaatiif mandara Efesoonitti gooliin guddaan ni ka'e.**
**[24]Namichi tokko maqaan isaa Demeexros kan jedhamu meetii baqsa ture; bifa galma Waaqayyootti tolfamtee.**
**Arxemiis jedhamtu meetii irraa baqsee, namoota hojicha beekaniif karaa hojii baay'ee baneef. [25]Demexros**
**namoota kana, warra hojii kana keessaa qabanii wajjin, iddoo walitti qabee, "Jarana soorumni keenya hojii**
**kana irraa akka dhufu hundumti keessan ni beektu. [26]Waan namichi Phaawuloos jedhamu kun hojjechaa jiru**
**immoo, isin ofii keessanii arguu dhaga'uus ni dandeessu. Waaqayyooliin harka namaatiin tolfaman, homaa miti" jedhee, addana Efesoonitti duwwaa utuu hin ta'in, kutaa biyya Asiyaa gara caalutti namoota baay'ee amansiisee yaada isaanii eeddarsiiseera. [27]Ammas hojiin keenya maqaa gadhee argamchuu isaa duwwaa utuu**
**hin ta'in, galmi Arxeemiis Waaqayyittii lakkaa'amuun isaa ni sodaaachisa; guddinni Waaqayyittii, ishee warri Asiyaa keessaa, warri biyya lafa keessa jiranis hundinuu itti sagadan, baduuf jedha" isaaniin jedhe.**

**19:23 “karaa”** Kun maqaa kiristiyaanummaa isa jalqabara ture. Kun yaada Kakuu Moofaa (Ba’u, Farf. 1:1,6; 5:8; 25:4,8,9,12; 27:11; 37:5,7,23,34) isa amantii haala jireenyaa agarsiisa (cf. 9;2; 19:9,23; 22:4; 24:14,22 fi 18:29-26 ta’uu danda’a).

**19:24 “galma meetii”** Kun bifa meetii xiqqoo (1) galma Arxeemiis ykn (2) bifa dhagaa dubartiiharma baay’ee qabdu fakkaatu agarsiisa. Arki’oloojiin bifa Waaqota tolfamoo meetii irraa hojjetaman baay’ee argateera, garuu galma tokko illee hin arganne. Kun wanta dinqisiisa torba addunyaa irra jiru keessaa tokko.

▣ **“Arxemiis”** Arxemiis isheen Efesoonitit Waaqeffama turte Diyaanaa ishee kan Waaqolii tolfamoo Roomaatiin adda kan baratu miti. Waaqoliin kun Saayibeel (Cybele), Waaqa dubartiitiin walitti dhiyaatu. Shaakalli amantii kun isa Ka’aanitti beekamuun baay’ee walfakkaata (M.R Vincent, *Word Studies*, hidha. 1, fuula 271, Ilaali).

▣ **“karaa hojii baay’ee”** Ariyatamni kun bu’uura diinagdee qaba ture (cf. lakk. 25,27).

▣ **“namoota hojicha beekaniif”** Jecha Giriikii kana irraa jecha Ingiliffaa “technician” jedhu arganna. Addunyaa meedeteraaniyaanii durii keessatti gamtaan warra ogummaa harkaa qabnii beekamaa fi cimaa ture. Phaawuloos gamtaa warra dunkaan hodhanii keessa jiraachuu danda’a.

**19:26-27** Kun barsiifni Phaawuloos Asiyaa keessatti godhee hammam akka milkaa’ee fi babala’ee ture nu hubachiisa.

▣ **“Waaqayyooliin harka namaatiin tolfaman homaa miti”** Kun akka Kakuu Moofaatti gatii dhabummaa Waaqolii tolfamaa waaqessuu calaqqisiisa (cf. Kees. 4:28; Far. 115:4-8; 135:15-18; Isa. 44:9-17; Erm. 10:3-11). “Waqayyooliin harka namaatiin tolfaman homaa miti” Kun akka Kakuu Moofaatti, gatii dhabummaa Waaqolii tolfamaa waaqessuu calaqqisiisa (cf. Keess. 4:28; Far. 115:4-8; 135:15-18; Isa. 44:9-17; Erm. 10:3-11).

**19:27** Hog baruuwwan Giriikii kan jaarraa tokkoffaa keessatti, barreeffamoonni baay’een ni argamu. Addunyaa medeteraaniyaanii keessatti magaalota waaqoliin dubartii keessatti waaqeffaman soddomii sagal ifatti ni argamu. Addunyaa Medeteraaniyaanii keessatti magaalota Waaqoliin dubartii keessatti waaqeffaman soddomii sagal ifatti ni argina.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA’E) 19:28-41**
**28 Yeroo kana dhaga’anittis baay’ee aaranii, “Arxeemis warra Efesoon, guddittiidha” jedhamii iyyan.**
**29 Waci kun mandaricha keessa guute. Warri wacan kunis gaayosii fi Arisxaarkos kan jedhamn, jarreen**
**Maqedooniyaa warra Phaawuloosii wajjin adeemaa turan, butanii gara mana wal ga’iitti fiigan.**
**30 Phaawuloos ofii isaatii tuuta namoota walitti qabaman sana keessatti argamuu barbaade; amantoonni**
**garuu gad isa dhiisuu didan. 31 Geggeessituu kutaa biyya Asiyaa sanaa kan ta’an keessaas, warri fira**
**Phaawuloos ergaa itti erganii, akka inni lafa wal ga’ii sana hin dhaqneef isa gorsan. 32 Kana gidduutti wal**
**a’iin sun hundinuu ni huursature; kaan waan tokkotti. Wacu; Warri kaan immoo waan biraatti wacu;**
**baay’een isaanii maaliif akka walitti qabaman iyyuu hin beekne turan. 33 Warri Yihudootaa namicha**
**Iskindir jedhamu tokko tuttuqanii waan kaasaniif tuuta jaraa keessaa gar tokko immoo gara fuula**
**duraatti isa waaman. Iskindiris akka falmannaa, jaratti waa dubbachuu barbaadee calluma haa**
**jedhaniif harkaan isaan hawwate. 34 Isaan garuu, inni Yihuudii ta’uu isaa hubatanii ergaan-takkaa,**
**“Arxeeniis warra Efesoon, guddittiidha” jedhanii hamma sa’aati lamaa kan ga’us isuma irra**
**deddeebi’anii iyyan. 35 Booddees caafaan mandara sanaa saba sana calluma jechisiisee, “yaa namoota**
**Efesoon! Mandarri Efesoon, galma Arxemiis guddittiitii fi dhagaa bia fakkeenya ishee, isa Waaqa irraa**
**gad bu’e, akka isheen eedu, kan hin beekne jiraa laata? 36 Kanas namni falmu erga hin jirree, isin gab**
**jechuutu isiniif ta’a; waan tokko illees utuu itti hin yaadin hojjechuun isiniif hin ta’u. 37 Ammas isin**
**jarreen kana as fiddaniittu; isaan garuu mi’a galma ishee hin saamne yookiis Waaqayyittii hin arrabsine.**

**[38]Demeexroosii fi hojettoonni isaan wajjin jira waan ittiin nama tokko illee hadheessan yoo qabaatan, guyyaan yaa'ii jira, warri biyya seerratanis jira, achitti walitti haa falman! [39]Kana malee waan isin barbaaddan yoo jiraate immoo,kora mandara kanaa isa tooraan waamame keessatti ilaalamuutu ta'a. [40]Goolii har'a ta'e kanatti ittigaafatamuun keenya hin oolu; gooliin kun ka'uu isaatiif sababiin hin jiru, nus immoo waa'ee isaatiif deebii ga'u kennuu ni dadhabna" jedhe. [41]Kana dubbate, walga'ii sana gargar deebise.**

**19:28** Lakkoofsi (kutaan) kun addunyaan durii hammam amantii fi aadaa akka isaan hordofan agarsiisa. Namoonni baay'een jireenya isaanii guyyaa guyyaa karaa galma warra amantii hin qabneetiin wal qabateen geggeessu.

▣ **"Arxemiis warra Efesoon guddittiidha"** Waaqoliin akkasii kun yeroo baay'ee "guddittii" jedhamu. Kun dhaadannoo isaan galma isaaniitti ittiin waaqeffatan ta'uu danda'a.

**19:29 "gara mana walga'iitti fiigan"** Jijjigaan mana walga'ii Roomaa isa baay'ee guddaa ta'ee kun har'a iyyuu jira. Inni namoota kuma 25 hanga 26tti qabata (tilmaamni garaagara).

▣ **"wal duukaa"** Hojii Ergamootaa keessatti gaaleen "wal duukaa" jedhu tokkummmaa amantootaa ibsuudhaaf fayyada (cf. 1:14; 2:2,46; 4:24; 5:12; 8:6; 15:25), Garuu tokkummmaa hamootaa ibsuufis ni fayyada (cf. 7:57; 12:20; 18:12), tokkummaan mataa isaatiin galma miti, murteessaan kaayyoo tokkummaati!

▣ **"Gaayos"** Inni nama darbee ture (cf. 20:4). Kun maqaa bal'inaan beekamu (baray'inaan jiru) waan ta'eef, sirriitti adda barasuun rakkisaadha (cf. 1Qor. 1:14; 3Yoh. 3).

▣ **"Arisxaaskos"** Inni nama Tasaloonqee ture (cf. 20:4; 27:2; Qol. 4:10-11; Fil. 2:4).

**19:30 "amantoonni garuu gad isa dhiisuu didan"** Phaawuloos nama cimaa of kenne ture! Haata'u malee, inni amantoonni murtoowwan tokko tokko godhaniif ni hayyama ture (cf. lakk 31).

**19:31 "Geggeessituu kutaa biyya Asiyaa"** Jechi kun, "Aangama filatamaa" jechuudha, Garuu karaa baay'eedhaan fayyadeera, kun jecha ogummaa biraa kan Aangawoota siyaasaa ibsu, kan Luqaas sirriitti itti fayyadameedha. Ifatti kan nuti huannu isaan amantoota ta'uu isaanii, yookiin yoo xinnaate firoota Phaawuloos ta'uu isaaniiti. Ammas Luqaas, kiristiyaanummaan Aangawoota siyaasaatiif yaadessaa akka hin taane agarsiiseera. Namoonni yaada kennan tokko tokko, Hojiin ergamootaa kan barreeffame qorannoo Roomaatti Phaawuloos irratti godhame irratti akka dubbifamuttidha, jedhanii akka tilmaaman kan taasise iddoowwan akka kanaati. Waldaan kiristiyaanaa irra deddeebitee Yihudootaan walitti kiristiyaanaa irra deddeebitee Yihudootan walitti bu'aa turte, mootummaa wajjin garuu akkas hin turre!

**19:32 "walga'iin sun"** Kun jecha Giriikii, isuma waldaadhaaf fayyadudha (*ekkisia*). HoE 19:32,39, fi 41 irratti wal ga'ii namoota magaalaa agarsiisa.

Waldaa durii jecha kana kan isheen filattuuf, Macaafa Qulqulluu isa afaan Giriikiitiin barreeffame irratti jechi kun, "walga'ii Israa'el" jechuu waan agarsiisuufidha.

▣ **"baay'een isaanii maaliif akka walitti qabaman iyyuu hin beekne turan"** Kun taatee goolii isa guddaa ture.

**19:33 "Iskindir"** Yihudoonni barsiifatota kiristiyaanaa kan asii fi achi adeemanii barsiisan irra adda ta'uun isaanii akka hubatamu barbaradan, kun garuu ittumaa isaanitti caalchise. Namichi kun isuma 2Xim. 4:14 irratti ibsamee wajjin tokko ta'uufi dhiisuun isaa sirriitti hin beekamu, garuu 1Xim. 1:0 irratti shakkisiisaa godha.

▣ **"harkaan isaan hawwate"** Kun akka aadaatti, karaa namni tokko dubbachuudhaaf namoonni akka cal jedhan barbaraduu isaa ittiin ibsudha (cf. 12:17; 13:16; 19:3; 21:40).

▣ **"falmannaa"** Jecha Giriikii kana irraa jecha Ingiliffaa, "apology" jedhu, kan falmannaa seeraa agarsiisu arganna. Luaas xumura kana si'a baay'ee fayyadameeera (cf. Luq. 12:11; 21:14; HoE 19:32; 24:10; 25:8; 26:1,2,24), akka maqaatti immoo HoE 22:1 fi 25:16 irratti fayyadameeera.

**19:34** Kun kan inni agariisu, (1) Yihudoota mormuu addunyaa Giriikoo-Roomaa yookiin (2) warri walitti qabaman kun barsiisa Phaawuloositti aaruu isaaniiti.

**19:35 "caafan mandara sanaa"** Kun aangawaa ummataa kan mootummaa Roomaa fi magaalota galma walga'ii bebbeekamoo qaban gidduu bu'uudhaan hojjetudha. Jechichi, 'grammateus' kan jedhudha. Hojii ergamootaa keessatti si'a baay'ee, barreessitoota Yihudootaa agarsiisa (cf. 4:5; 6;12; 23:9). Maacaafa Qulqulluu isa afaan Giriikiitti hiikame keessatti immoo geggeessitoota warra gibxii, kan galmee geggeessitoota ol aanootti dhi'eessan (cf. Ba'uu 5:6), akkasumas aangawoota Yohudootaatti dhi'eessan (cf. Kess. 20:5) agarsiisa.

▣ **"madarri Efesoon galma…akka isheen eegdu"** Jechi kun irra keessaan "galma hartuu" (*neōkos*, eegduu galmaa) jechuudha. Kun jalqabatti hojjettoota galmaa warra gad aanoo yoo agarsiiseyyuu, booda garuu maqaa kabajaa ta'ee fayyaduu jalqabe.

▣ **"dhagaa bifa fakkeenya ishee, isa Waaqa irraa gad bu'e"** Inni boca dubartii harma baay'ee qabduu kan fakkaatu ture. Kun Waaqa tolfamaa baay'ee waaqeffamu ture. Jechi "Waaqa" jedhu irra keessaan yommuu ilaalamu, "Ze'uus (*dios*) irraa kan gadi bu'e" jechuudha.

**19:37** Sababni goolii sanaa hundee sirrii hin qabu ture, kanaafis seera Roomaa duratti ni gaafachiisa (cf. V. 40).

**19:38-39 "achitti walitti haa falman"** Himannaadhaaf karaa seeraatiin haa deeman. Lakkoofsonni lamina kun hima sadarkaa tokkoffaa kan haalarratti hundaa'e of keessaa qabu.

**19:38 "Warri biyya seerratanis jiru"** Bulchiinsota Roomaa gosa lamatu ture, kan mootichaan bulanii fi kan caffeedhaan bulan (Augustus, Acts of settlement, 27 Dh.K.D). Bulchiinsonni Roomaa kan bulaa turan

1. Bulchiinsota Caffee kan warra biyya seerrataniin bulan
2. Bulchiinsota Impeeriyaalaa kan abbootii seeraatiin bulan
3. Bulchiinsota xixinnoo kan bulchiitota gadiitiin bulan
4. Magaalota bilisa kan bulchitoota naannootiin garuu to'annaa Roomaa jalatti, bulan
5. Naannoowwa akka Filisxeem kan bulchitoota naannootiin bulan, garuu haala daangaa qabuun.

Efesoon Bulchiinsa caffee jala waan turteef, "wara biyya seerratan" qabdi turte. Warri biyya seerratan si'a sadii ibsamaniiru.

1. Sergiiyos Phaawuloos, Qophros, HoE 13:7-8,12
2. Aaneyus Gaali'oo, Akaayyaa, HoE. 18:12
3. Maqaadhaan addatti kan hin kaa'amne garu isaan kana keessaa tokko, Efesoon, HoE. 19:38

**19:39-40 "walga'ii"** Kun jecha "ekklesia" jedhu, kan bulchiinsota magaalaa Giriikii keessatti, walga'ii magaalaa ibsuuf fayyaduudha. Macaafni Qulqulluun inni afaan giriikiitti hiikame jechicha "wal ga'ii" (Qahal) jechutti waan hiikuuf, jechichi wal ga'ii waldaa ibsuuf fayyadeera.

## GAAFFILEE MARII

Kun <u>qajeelfama</u> qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni

Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu.  Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi.  Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Lakk. 2-6tti kan jiru, kanneen armaangadii mirkaneessuuf akka ta'utti ilaaluu ni dandeenyaa?
   a. Amantoota tokko tokko irra deebi'anii cuuphuu
   b. Eebba afaaniin dubbachuu argachuudhaaf harka irra kaa'uu
2. Raajii dubbachuu ibsi (Lakk. 6).
3. Hojii ergamootaa keessatti turtiin Phaawuloos Apholos akkasumas bartoota Yohaannis cuuphaa wajjin godhe maaliif galmaa'e?
4. Lakk. 11-12 irra kan jiru, waldoota sadarkaa hundumaa akkasumas kan aadaa hundumaa keessa jiraniif ni ta'aa? Maaliif?
5. Hafuurota hamaa barasuun kennaawwan hafuuraa keessatti maaliif hin tarreeffamne?
6. Amantootaaf waa'ee kanaa irratti odeeffannoon karaa Macaafa Qulqulluu caalaatti maaliif hin kennamne?
7. Kaayyoon taateewwan dinqii ta'an akkasii maal ture (cf. Lakk. 17).

# HOJII ERGAMOOTAA 20

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Phaawuloos Maqedooniyaa dhaquu isaa | Adeemsa Giriikii keessaa | Yeroo dhumaaf Giriikii dhaquu isaa | Gara Maqedooniyaa fiy Akaayyaa | Phaawuloos Efesoonii deemuu isaa |
| 20:1-6 | 20:1-6 | 20:1-6 | 20:1-6 | 20:1-6 |
| Phaawuloos Xiro'asitti nagaa dhaamuu isaa | Xiro'aasitti lallabuu Isaa | Phaawuloos Phalestiinaatti deebi'uu isaa | Turtii Phaawuloos yeroo dhumaaf Xiro'aasitti | Xiro'aas Phaawuloos nama du'e tokko du'aa kaasuu isaa |
| | | (20:7-21:14) | | |
| 20:7-12 | 20:7-12 | 20:7-12 | 20:7-12 | 20:7-12 |
| Phaawuloos Xiro'aasii Miilexos dhaquu isaa | Xiro'aasii gara Miilexos | | Xiro'aasii gara Miilexos | Xiro'aas gara Miilexos |
| 20:13-16 | 20:13-16 | 20:13-16 | 20:13-16 | 20:13-16 |
| Phaawuloos jaarsolii waldaa Efesoonitti haasa'uu isaa | Jaarsoliin Efesoon jajabeeffamuu isaanii | | Phaawuloos jaarsolii waldaa Efesoonitti nagaadhaan dhaamuu isaa | Jaarsolii Efesoonitti nagaa dhaamuu isaa |
| 20:17-24 | 20:17-30 | 20:17-18a | 20:17-24 | 20:17-18a |
| | | | | 20:18b-21 |
| | | | | 20:22-24 |
| 20:25-35 | | 20:25-35 | 20:25-31 | 20:25-27 |
| | | | | 20:28 |
| | | | | 20:28-32 |
| | | | 20:32-35 | |
| | | | | 20:33-35 |
| 20:36-38 | | 20:36-38 | 20:36-38 | 20:36-38 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA (“A Guid to Good Bible Readin” fuula Vii irraa)**
*SADARKAA KEEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABA HORDOFUU*

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Quqlulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoo tokkon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Quqlulluunii fi Hafuurri Quqlulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnaa al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama qullummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan hiruun dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaan furtuudha. Kun immoo giddu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyata gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffa

4. Kkf

**HIIKAA GALUMSAA LAKKOOFSA 1-6 KEESSA JIRUU**

A. Kun baay’ee gabaradha, kanaaf guduunfaan tajaajila Phaawuloos yeroo adeemsa isaa isa marsaa sadaffaa Maqeedooniyaa fi Giriikii keessati godhee hanga tokko kan wal nama jalaa dha’udha.
B. Tajaajila Phaawuloos naannoo kanaa keessatti godhe tartiiba qabsiisuudhaaf adeemsi filatamaan xalayoota isaa keessumaa immoo ergaa Qoronxoos isa duraa fi lammaffaa akka wabiitti fayyadamuudha.
C. Luqaas sochiiwwan Phaawuloos yeroowwan beekamoo fi maqaa iddoolee garaa garaa fayyadamuudhaan gadi fageenyaan kaa’uu yaala, garuu gabarabinaan barreeffamuun isaa akka ifa hin taane godha.

**QO’ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA’E) 20:1-6**
**1Wacichi qabbanoofnaan Phaawuloos amantoota ofitti waamsisee, erga isaan jajjabeessee booddee,**
**nagaa isanitti dhaamee biyya Maqedooniyaa dhafuudhaaf ka’e, 2Amantootas lafa jiran hundumatti**
**dubbii baay’eedhaan jabeessaa, kutaa biyya sanaa keessa darbee biyya Giriikii dhufe. 3Ji’a sadi achi**
**taa’ee markabaan sooriyaa dhafuudha utuu qophaa’uu, warri Yihudootaa isa irratti mari’atan; kanaaf**
**Maqedooniyaa keessa karaa lafaa deebi’uudhaaf murtoo godhe. 4Soophaxroos ilmi Phiiros namni**
**Beeriyaa, Arisxaarkosii fi Sekundos fi warri Tasalonqee, Gaayos namni Debee, Ximotewosis, Xikoosii fi**
**Ximotiwoos warri Asiyaa, Phaawuloosiin wajjin turan. 5Jarri kun nudura bu’anii Xiro’aasitti nu eegan.**
**6Nuyi immoo, guyyaa ayyaana maxinoo booddee Filiphisiiyusii markabaan kaanee, guyyaa shan booddee**
**Xiro’aasitti isana qaqqabnee, guyyaa torbas achi teenye.**

**20:1 “wacichi qabanoofnaan”** Gaaleen kun shakkisiisaadha. Kana jechuun Phaawuloos sababa goolii Demeexros kaaseen Efesoon gadidhiisee ba’e jechuu miti. Phaawuloos sababa goolii sanaaf hin deemne, garuu akkuma Demeexiros ofii isatii iyyuu dubbate (cf. 19:28) hojii wangeelaa isaa wanxumureef adeema.

▣ **“Phaawuloos amantoota ofitti waamsisee, erga isaani jajabeessee booddee”** Phaawuloos wangeela lallabuufis amantootaafis dhimumaa ture (cf. Lakk. 2; Mat. 28:18-20). Wangeelli akka dhunfaati yoo fudhatame illee hundumaaf akka bu’aa ta’uuf kenname (cf. 1Qor. 12:7). Kaayyoon amantoota naannoo waldaa ture!

**20:2 “kutaa biyya sanaa keessaa darbee”** Kun kan inni agarsiisuu danda’u (1) Iliiriqum (cf. Rom. 19:21) ykn (2) magaalota kutaa biyya Maqedooniyaa Filiiphiisiyus, Tasaloniiqee fi Beriyaa ta’uu danda’a.

▣ **“biyya Giriikii dhufa”** Giriikii (*Hellas*) jechuun bulchiinsa warra Roomaa kan taate kutaa biyya Akayyaa jechuudha (cf. 19:21). Kun immoo harka caalaatti magaalaa Qoronxoos bakka bu’a. Phaawuloos naannoo kanatti tajaajila bal’aa qaba ture. Yeroo kanatti warra Roomaaf barreessee ture. Akkuma 1Qor. 16;5-9 fi 2Qor. 2:12-13 mul’inatti agarsiisan inni waa’ee waldattii yaada’aa ture.

**20:3** Lakkoofsa kan karoora adeemsaa Phaawuloosiin wal qabata. Yeroo baay’ee sababa yaala garaa garaatiif karoora jijjiiruu qaba ture. Haala kana keessatti Phaawuloos doonii isa warra ayyaanaaf gara Yeruusaalem deeman fuudhee deemuun gaarii waan itti hin fakkaanneef miillaan adeeme.

▣ **“warri Yihudootaa isa irratti mari’atan, Sooriyaa dhaquudhaaf utuu qophaa’uu”** Inni Doonii san kan warra adeemsa amantii deemanii, warra Yihudootaa adeemsa amantii deeman, fuudhee Keyyata hundumaatti dhaabachaa gara Yeruusaalem deemuun adeemuudhaaf karoorfate ta’uu danda’a.

▣ **“sophaaxros, Arisxaarkosii fi sekundos, Gaayos, ximotewos, Xiyiqoosii fi Xirofimoos”** Warri kun namoota waldaa garaa garaa irraa dhufanii kennaa horii addatti Phaawuloos gara waldaa Yeruusaalem jirtuutti erguuf ture geggeessuudhaaf Phaawuloosii wajjin namoota turan ta’uu danda’u (cf. 1Qor. 16:1-3; 2Qor. 8-9). Sophaaxros Sosiiphaaxros isa Rom. 16:21 keessa ta’uu danda’a. Arisxaarikos Efe. 6:21-22; Qol. 9:7-8; 2Xim. 4:12 fi Tit. 3:12 keessatti maqaan isa dhaa’ameera. Gaayos HoE 19:29 keessatti maqaa dha’ameera. Xirofimoos HoE 21:20 fi 2Xim. 4:20 keessatti maqaa isaa dha’ameera. Armaan gaditti kan argamu yaada ani Qoronxoos isa duraa irratti laadhedha.

**“Buusii”** Logia kan jedhu jecha Gikiikii barreeffama gogaa irratti kun barreeffamni Gibsii keessatti argamu irratti akka kennaa horii sababa amantiitiif kennamu kan agarsiisudha, garuu qaraxa dhaabataadhaan wal hin qabatu (cf. Mooltan, Milligan, “*The Vocubulary of the Greek Testament*, ful. 377). Akka asitti kaa’ametti kennaa dhaabataa yookiin kennaa dabalataa waldaaf kennamu ta’uun isaa waan beekamu miti. Phaawuloos dhimma kana Gal. 2:10; 6;10 keessatti Yaa’iqoob, Pheexiroos, Yohaannisii fi Bararnaabarasii wajjin ari’ateetu hiyyeessota Yihuudaa keessa jiraatan gargaaruu jalqabe. Kennaan addaa kun waldaa Anxokiyaa lafa Phaawuloosii if Bararnaabaras tajaajilaa turanitti jalqabe, HoE 11:27-30. Kennana kun macaafota Kakuu Haaraa baay’ee keessatti caqafameera (cf. Rom. 15:6; 2Qor. 8-9; 1Qor. 16:1). Kunis yaalii walitti dhufeenya waldaa guddoo warra Ibirootaa fi waldaa warra Ormootaa gidduu ture dhaabuuf ta’e ture.

Phaawuloos hirmaannaa yeroo kanaa maqaa baay’eedhaan waama.

1. Gargaarsa, HoE 24:17
2. Tokkummaa, Rom. 15:26,27; 2Qor. 8:4; 9:13
3. Garraamummaa, Rom. 15:27
4. Tajaajila. Rom. 15:27; 2Qor. 9:12

Akka 2Qor. 8:6tti Tiitoosis bakka bu’aa waldaa turuun isaa hin oolu. Luqaas Hojii Ergamootaa keessatti Tiitoosiin caqasuu dhiisuun isaa namadhiba. Yaanni jiru garuu Luqaas Tiitos obboleessa isaa waan turuuf maqaa dha’uu saalfate kun jedhudha. Kun immoo 2Qor. 8:16 keessatti obboleessa maqaa isa ahin waamamneen kan walfakkaatu ta’uu danda’a, namoonni baay’een nama kana obboleessa Tiitoos) Luqaas jedhu (Origen akka Eusebiusanin barreeffametti His. Eccl. 6.25.6; A.T. kan Roberton, “*Word pictures in the new Testament*, ful. 245).

F.F Bruce, Paul, “*Apostle of the Heart set Free*”, Luqaasii fi Tiitoosiin akka obbolaatti ibsa.

“Luqaas nama Phaawuloosiif gargaara amanamaa ture kana maqaa utuu hin dha’in darbuu isaatiif sababni tokko Tiitos obboleessa, Luqaas ta’uu isaatii cf. W.M. Romse, *St. Paul the Traveller and the Roman citizen* (London, 1895), ful. 390; ‘Luke the Physician and other studies’ (London 1908), fu. 17f; A.Souter, “A suggested Relationship between Titus and Luke’s, Expository Times 18 (1906-7), ful. 285, fi “The Relationship between Titus and Lukes” ibid ful 335f. Garuu walitti dhufeenyi kun dhaabataa taanaan, Luqaas “obboleessa” isa 2Qor. 8:18f (ful. 320 ilaali) keessaa ta’uun isaa gaaffii jala gala: kaayyoon Phaawuloos “obboleessa” kana Tiitoosii wajjin ergeef of danda’ee hojii irra ooluu horii gargaarsaa sana akka to’atuuf ture,

utuu walitti dhufeenya dhiigaa isaan lamaan qabaniin wal qabsiisuuf ceephoon ka'eera ta'ee garuu kaayyoon kun rakkoo jala gala ture. Shakkii jiru kana guddisuuf yaaliin kana caalaa godhamuu danda'u hin turre" (ful. 339 miil-jalee lakk. 5).

**20:5 "nuyi"** Luqaas barreeffama isaa ijaan argee dhugaa ba'u isaa Filiiphisiyus keessatti addaan cite ture irra deebi'ee jalqaba (cf. HoE 16). Kutaan "nuyi" jedhan ilaalamuu kun danda'an: 16:10-17; 20:5-15; 21:1-18; fi 27:1-28; 1b).

**20:6 "guyyaa ayyaana maxinoo"** Dhagaan guyyaa torboo inni Ebila walakkaa ta'u dhaggaa fuusikaa guyyaa tokkootiin walitti dabalame ture (cf. Ba'uu 13). Nama Yihudaa ta'uun Phaawuloos akkamitti akka inni muktii waggaa ittiin ilaalu irraan dhiibbara ga'ee ture. Filiiphisiyuus keessaa Yihudoonni ykn manni sagadaa warra Yihudootaa jiraachuu wanti beeknu hin jiru, kanaaf Phaawuloos nama buufachuudhaaf dhagaa kana hin hirmaanne (cf. 1Qor. 9:19-23). Kun kan caqafameef inni guyyaa Phenxeqosteetti Yeruusaalemitti argamuuf karoora waan qabuuf ta'uu danda'a (cf. 20:16).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 20:7-12**

**[7]Galgala Sanbata guddaatti bari'u, buddeena cabsachuudhaaf walitti qabamnee ture. Phaawulos borumtaa isaa adeemuu waan yaadeef, dubbii isaa dheeressee hamma halkan walakkaatti namootatti dubbate. [8]Kutaa mana gubbaa isa nuyi itti walitti qabamne keessa, ibsaa baay'eetu ture. [9]Dargaggeessi Oyxikoos jedhamu tokko hula irra taa'a ture. Phaawuloos ittima fufee dubbannaan dargaggeessicha hirribni fuudhatee sokke. Inni hiriba keessa utuu jiruu hula mana gubbaa isa sadaffaa irraa lafa dha'e, namoonni du'aa isaa lafaa fuudhan. [10]Yommuu Phaawuloos manicha keessaa gadi bu'ee irratti lafa dha'ee ammatee, "Hin raafaminaa! Lubbuun isaa keessa jirti" jedhe. [11]Ergasii kutaa mana gubbaa sanatti ol deebi'ee, hamma lafti bari'uttis namoota wajin haasa'e; kana booddee ni adeeme. [12]Dargaggeessichas fayyaa isa amanatti glachanii baay'ee jajjabaatan.**

**20:7 "galgala Sanbata guddaatti bari'u, buddeena cabsachuudhaaf walitti qabamne turre"** Kun waldoonni durii gaafa Sanbata guddaa tokkummaadhaan nyaata nyaachu (lakk 11) fi Irbarata gooftaas ("buddeena cabsachuu" kan jedhu akka Kakuu Haaraatti irbarata gooftaa agarsiisa) fudhachuudhaaf akkamitti akka isaan walga'aa turan agarsiisa. Sanbata guddaa Waaqeffachuu Yesuus mataasaatti du'aa ka'uu isaa booddee namootatti mul'achuu isaatiin dhaabe (cf. Yoh. 20:19,26; 21:1; Luq. 24:36; 1Qor. 16:2).

*"The Helps for Translator series"* ("*The Acts of the Apostles*" Newmanii fi Nidadhaan ful. 384) akka jedhutti Luqaas yeroo warra Yihudootaa agarsiisuu isaa waan ta'eef kun Sanbata duraa galgala ta'uu qaba (cf. TEV), garuu, hiikaawan baay'een hiikaa bu'uuraa hordofu "Sanbata guddaa" Hojii Ergamootaa keessatti jechi kun as duwwaatti argama. Phaawuloos jecha "Sanbata guddaa" jedhu kana 1Qor. 16:2 keessatti duwwaa fayyadama, kunis guyyaa jalqaba torbanii agarsiisa.

▣ **"dubbii isaa dheeressee"** Phaawuloos hamma danda'u barsiisuu fi jajjabeessuu barbarade (cf. Lakk. 2,31).

▣ **"hamma halkan walakkaatti"** Warri Yihudootaa guyyaa kan jalqaan sababa Uma. 1'tiif galgala kaasee ture, warri Roomaa immoo halkan walakkaa irraa jalqabu.

**20:8 "ibsaa baay'eetu ture"** Qileensi achi ture ho'aa, ukaamamaa, haaraan illee kan guute ta'uu qaba. Luqaas maaliif akka hirribni Oyxiikoosiin waan ibsaa jiru fakkaata.

**20:9 "Dargaggeessa tokko"** Jechi kun nama umuriidhaan ijoolummaa qabu agarsiisa. Lakk. 12 keessatti jechi biraan kaa'ameera. Kun ijoollee agarsiisa. Oyxiikoos dargaggeessa ture.

▣ **"Oyxiikoos… Phaawuloos ittuma fufee dubannaan… hirribni fudhatee sokke"** Himni gocha raawwatamaa jiru agarsiisu kun barsiisa dheeraadhaa fi warri dhageeffachaa turan muguu isaaniitiif ragaa Macaafa Qulqulluu agarsiisa!

▣ **"du'aa isaa lafaa fuudhan"** Mul'inatti inni du'ee ture. Lakk 12 ilaali.

**20:10 "irratti lafadha'ee ammate"** Phaawuloos akkuma Kakuu Moofaa keessatti Eliyaasii fi elsayi godhan godhe, isaanis haaluma walfakkaatuun du'aa kaasanii turan (cf. 1Mot. 17;21; 2Mot. 4:34). Inni warra isa dhaggeefataa turanitti akka hin raafamne dubbata, garuu dhagaatti, Phaawuloos waan ta'e kanaan gaddun isa waan hin hafne natti fakkaata!

▣ **"hin raafaminaa"** Kun ajajja yeroo ammaa maxxantuu aalta'a agarsiisuu wajjin jiru kan yeroo baay'ee gocha jalqabamee jiru dhaabuu agarsiisudha.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 20:13-16**
**[13]kana booddee Phaawuloos karaa lafaa irra mandara Asos dhaquu yaade; nu immoo isa dura buunee marbaan Asos geenyee, achii akka markabicha isa Yaabsiifnuuf nu abboomee ture. [14]Asoositti wal arginee, nuyi isa fudhannee mandara Mixileeneetti darbine. [15]Borumtaa isaa markabaan achii kaanee, qixa Kiiyos biyya bishaan keessaa geenye. Guyyaa lammaffaatiis Saamos biyya bishaan keessaa dhaqne [mandara Troogilii'on akka dhaabannee] borumtaa isaa Miilexositti gale. [16]Phaawulos kutaa biyya Asiyaa keessa turuu hin baranne. Knaaf Efesoonitti goruu dhiisee, markabaan darbuudhaaf murtoo godhe: ayyaana guyyaa shantamaffaa isa "Phenxeqostee" jedhamee beekameef, Yeruusaalem ooluun danda'ama yoo ta'e jedhee, ariifatee ture.**

**20:13 "doonii"** Karoorri adeemsa Phaawuloos sababa marii isa galaana irratti raawwachuuf isa irratti mari'ameetiif jijjiiramuu qaba ture (lakk. 3). Phaawuloos utuu hin yaabbatin eenyufaa akka markabicha irra ture baruu barbaradee ta'uu danda'a. Phaawuloos Xiro'aasii hanga Asositti karaa miillaa irra adeeme, achittis doonii isa Xiro'aasii dhuufuu fudhatamuuf ture. Namoonni lakk 4 keessatti caqafaman hundumtuu doonicharra turan.

**20:14 "Mixileeneetti darbine"** Kun magaalaa guddoo Lesbos biyya bishaan keessaa turte. Qarqara galaanaa Asiyaa xinitti (dhiya Turkii) keessaas kutaa biyya bishaan keessaa ishee guddoo turte.

**20:15-16** Luqaas hammam waa'ee yabaluu akka beeku nama ajaa'ibsiisa. Barreeffama isaa hojii ergamootaa keessatti jechoota ogummaa markabaran walqabatan baay'ee fayyadama (kutaa "nuyi" itti jedhu keessatti). Kutaan "nuyi" jedhan baay'een isaanii adeemsa galaanarraa of keessaa qabu. Nama baay'ee baratee fi bal'inaan adeeme ta'uun isaa beekamaadha.

**20:15 "Kiiyos"** Kun biyya bishaan keessaa galaana Eji'aan keessatti argamtu kan biraa turte. Kunis odola qal'aa dheeraa qarqara galaanaatti baay'ee dhi'aatu ture.

▣ **"Saamos"** Kun immoo odola biraa dhiya qarqara galanaaa Asiyaa xinnittiitti, Efesoonitti dhiyaattee argamtu turte.

▣ **"Miilexos"** Kunis magaalaa bishaan keessaa, guddaa fi barbaradamaa ta'e, kan qarqara galaanaa kibba Efesoon qarqara laga Meenderitti argamudha. Phaawuloos as dhaabatee jaarsolii waldaa Efesoon waamsise. Kun akka adeemsa maayila 30 kan ta'udha.

**20:16 "Efesoonitti goruu dhiisee markabaran darbuudhaaf murtoo godhe"** Kun Phaawuloos markabicha akka fedha isaatti to'achuu danda'uu isaa waan agarsiisu fakkaata. Kun kana yoo ta'e (1) Isaan markabicha ofii isaaniitiif dugda bitatan ykn (2) markaba Efesoonitti hin dhaabanne qabatan.

▣ **"yoo"** Kun hawwii agarsiisa.

▣ **"Phenxeqoostee"** Kun ayyaana Yihudonni faasikaa booddee guyyaa shantamaffaatti godhatan ture. Phaawuloos sababa Lakk. 3 irra jiruun gayyaan Faasikaa utuu hin hirmaatin hafe.

## HIIKAA GALUMSAA HOE 20:17-21-16 KEESSA JIRU

A. Kun barreeffama kana keessatti ofirraa ittisuu kutaa agarsiisudha, namoonni tokko tokko dhuunfaatti Phaawuloosiin miidhuu waan barbaradaniif (cf. Lakk 33).

B. Fakkeenyi Phaawuloos amantootatti lallabuu isaa agarsiisu Hojii Ergamootaa keesaa agasiisu kana duwwaadha. HoE 13:66ff keessatti warra Yihudootaa agarsiisa, 14:5ff fi 17:22ff keessatti immoo Giriikota amantii hin qabne agarsiisa.

C. Ergaan kun akkuma eegamutti ergaawwan Phaawuloosii wajjin waan wal-simu baay'ee qaba. Gorsa kana keessatti Phaawuloos jechoota addaa fayyadamuu isaatu mul'ata.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOYYA'E) 20:17-18a**
**[17]Phaawuloos Miilexoosii nama ergee jaarsolii waldaa Efesoon ofitti waamsise. 18Jaarsoliin sunis gara isaa dhufan,…jedhe.**

**20:17 "Miilexoos"** Buufanni kun Efesoon iraa gara Kibbarratti akka maayila 30 ture.

▣ **"jaarsolii"** Jecha kana ("presbuteros") irraa hiikaa "geggeessitoota waldaa ykn "waldaa geggeessuudhaan kan walitti dhiyaatan" jedhu argina Sababa HoE 20:17,18 fi Tit. 1:5,7tiif jechoonni "jaarsolii" ("preshuterosi") fi "abunii" ("episcopoi") jedhan jecha "luba" jedhuu wajjin hiikaa walfakkaataa qabu. Jechi "jaarsolii" jedhu warra Yihudootaa wajjin (geggeessitoota gosoota warra Yihudootaa) walqabata; jechi "abunii" ykn "eegduu" jedhu immoo bulchiinsa/siyaasa magaalaa warra Giriikii wajjin walqabata.

Kakuu Haaraa keessatti gartuu waldoota naannoo geggeessanii lama duwwaatu caqafame: Lubara fi daaqonii (cf. Fil. 1:1). Hiree dubartoota warra abbara manaa hin qabnee ykn gargaartuu waldaa warra ta'anii (cf. Rom 16:1) dabalatee 1Xim. 3 keessatti gareen sadii tarreeffamanii arguun ni danda'ama.

Jechi kun dannummaa akka agarsiisu hubadhu. Kunis maanguddoota waldaa kan agarsiisu ta'uu danda'a (cf. 11:30; 14:23; 15:2,4,3,22-23; 16;4; 21:18; 1Xim. 5:17,19; Tit. 1:5; "jas" 5:14; 1Phex. 5:1).

▣ **"waldaa"** Jechi Giriikii kun (*ekklesia*) walitti qabama magaalaa agarsiisa (cf. 19:39). Haa ta'u malee, Macaafa Qulqulluu hiikaa afaan Giriikii keessatti gaalee Kakuu Mofaa "walitti qabama (*qahal*) saba Israa'el" jedhu hiikuudhaaf oolee ture. Waldaan durii amantoota haaraa warrra Kakuu Moofaa keessatti namoota Waaqayyoo jedhaman irraa, ittiin adda barasuudhaaf kanatti fayyadamti. Sababa Yesuus namni Naazireet Masihii isa dhugaa ta'eef, waldoonni Kakuu Haaraa akka Kakuu Waaqayyoo isa Kakuu Moofaa keessa ture warra guutaniitti of ilaalu.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 20:18B-24**
**[18]"Ergan gaafa kutaa biyya Asiyaa kana dhufeetii jalqabee, yeroo hundumaa attamitti akkan isin gidduu jiraadhe ofii keessanii beektu. [19]Karaa hundumaan of gad deebisuudhaan, imimmaaniin, qoramsa Yihudoonni anatti malan keessattis gooftaadhaaf hojjechaa ture. [20]Kamiin illee taanaan waan waa'ee isiniif baasu hundumaa, waldaatti mana isnitti lallabuudhaaf isin barsiisuu irraa ani of in qusanne. [21]Yaada garaa geeddratanii gara Waaqayyootti akka deebi'an gooftaa keenya yesuusittis akk amanan Yihudootaa fi Giriikootatti dhugaa ba'eera. [22]Ammas kunoo, achitti waan anatti dhufu utuu hin beekin, Hafuura qulqulluudhaan qabamee Yeruusaalem dhaquu kooti. [23]Hafurri quqlulluun garuu,**

**hidhamunii fi dhiphachuun akka ana eeggatu, mandara ani ga'e hundumaatti anatti mul'iseera. [24]Haa ta'u iyyuu malee, hojiin wangeela ayyaana Waaqayyoof dhugaa ba'uu, gooftaa Yesuus biraa anatti kennameera. [24]Ani immoo ergaa koo fi hojii koo kana raawwachuu duwwaa nan barbaada; kana irraa kan hafe jireenya koo akka waan gatii anaf qabuutti hin lakkaa'u.**

**20:18 "yeroo hundumaa attamitti akkan isin gidduu jiraadhe ofii keessanii beektu"** Adeemsii fi haasaan Phaawuloos walitti dhufeenya inni Kiristoosii wajjin qabu kan mirkaneessanidha. Phaawuloos lakk. 18-19 keessatti ciminaankana dubbachuun isaa namoonni isa ceepha'an akka turan agarsiisa.

**20:19 "Karaa hundumaan of gad deebisuudhaan… gooftaadhaaf hojjechaan ture"** Dubbiin kun tarreeffama naamusa kirisityaanummaa tokkummaa fidan kan jalqabudha (cf. Efe. 4:2-3). "Gad of keeebisuu" Kun qophaadhumati naamusa kiristiyaanummaa kan ta'ee fi tarreeffama naamusaa Giriikonni eegamuu safuu hawaasaatiif cichan barasan keessatti kan hin hammatamne ture. Musee (cf. Lakk. 12:3) fi Yesuus (cf. Mat. 11:29) lamaanuu jecha kanaan ibsamu. Phaawuloos yeroo baay'ee kanatti fayyadama (cf. Efe. 4:2; Fil. 2:3; Qol. 2:18,23; 3:12).

▣ **"imimmaaniin qoramsaan"** Phaawuloos yeroo ergamaa Ormoota 2Qor. 4:7-12; 6:3-10; 11:24-28 keessaa turetti qaamaa fi yaadaan isa mudate tarreessa. Gatii tajaajilaa!

▣ **"qoramsa Yihudoonni natti malan keessatti"** Hojii Ergamootaa keessa fakkeenya qoramsa kanaa baay'eetu jira (cf. 9:24; 1:45,50; 14:2,4,5,19; 17:5,13; 18:12; 20:3; 21:27; 23:12,27,30; 24:5-9, 18-19).

**20:20 "of hin qusanne"** Kun jecha ogummaa yabaluutiin walqabate ta'ee, yeroo dooniin Keyyata dooniitti dhiyaatu sharaa diriirsuu jechuudha (cf. 20:27).

▣ **"kamiin illee taanaan waan waa'ee isiniif barasu hundumaa"** Phaawuloos isaan kana akka waan wangeelaan walqabate hundumaatti barsiise: akkamitti akka fudhatan, akkamitti akka jiraatan, akkamitti akka eegan, akkamitti akka guddisan.

▣ **"waldaatti mana manattis isinitti lallabuudhaaf isin barsiisuu"** Kana jechuun Phaawuloos walitti qabama hawaasaa mul'atata'e (kan dhoksaa hin taane) duwwaatti utuu hin ta'in mana nama dhuunfaattis (ykn waldaa qophaatti ba'e ta'uu danda'a) barsiisaa ture jechuu ta'uu danda'a. yaadni jiru isaan Phaawuloos isaan gidduutti maal hojjechaa akka turee fi Phaawuloos maal akka dubbate beekuu isaaniiti.

Phaawulos gartuu naannoo muraasaan kan lolame ta'uu qaba. Kun immoo karaa inni ittiin ceephoo sana of irra dabarse ture.

**20:21 "Yihudootaa fi Giriikotatti dhugaa ba'eera"** Garee lachuuf iyyuu ergaa tokkotu jira. Akkuma barsiisonni Hojii Ergamootaa (kerygma) keessaa agarsiisan, yeroo baay'ee haalli ittiin barsiisan garaa gara yoo ta'e iyyuu qabiyyeen isaa tokkuma. Phaawuloos jalqaba Yihudootatti wangeela lallabuudhaaf dursa kenne (cf. Rom. 1:16; 1Qor. 1:18,24).

▣ **"yaada garaa geeddaratanii gara Waaqayyootti akka deebi'an gooftaa keenya Yesuusitti akka amanan"** Yaada garaa geeddarachuun jijjiirraa yaadaa (Jecha Giriikii), jijjiirraa gochaatiin hordofamudha (jecha Hibiraayisxii). Kunis yoo xinnaate ulaagaalee lama fayyuudhaaf jiran keessaa is atokko. Inni biraan immoo gooftaan keenya Yesuusitti amanuudha (cf. Marq. 1:15, HoE 3:16; 19). Inni tokko alta'a (cubbuu ofii irraa deebi'uu). Inni tokko immoo poozitiiviidha (Yesuusii fi qooda keenya dhiphachuu isaatti deebi'uu). Lamaanuu ni barbaradamu. Kakuu Haaraa keessa ulaagaalee baay'een akka jiran nan amana: dhugaatti jalqaba yaada garaa geeddaratanii amanuu fi yaada garaa geeddarachuu fi amanuu itti fufuun murteessaadha, garuu amanamummaa fi obsaan danda'uunis barbarachisaadha.

Waa'ee "Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos" irratti barreeffamoota Giriikii durii keessa garaa garummaa tokko tokko jiru. Maqaan "Kiristoos" jedhu Macaafa Qulqulluu hiikaa Afaan Giriikii B keessatti hin caqafamne ("vaticanus"), garuu p[74], א A fi C keessa jira. Akkuma garaagarummaa kana harka caalaa, yaada barreeffamichaa hin jijjiiran. Barreeffamni Giriikii UBS[4] akka amanutti sababni namni bara durii kitaaba baray'isuu kam iyyuu isa balleessuu/haquu danda'u waan hin jirreef inni gabarabatee dubbifamu "dhugaatti kan dhiyaatu"dha, garuu gaalee gabarabbattee barreeffama gara gaalee guutuutti akka isaan jijjiiran ragaan jira.

**20:22**
**NASB** **"hafuura qulqulluun qabamee"**
**NKJV** **"hafuura qulqulluun qabamee"**
**NRSV** **"hidhamaa hafuuraa ta'ee"**
**TEV** **"hafuura qulqulluudhaaf aboomamuu"**
**NJB** **"hafuurichaaf hidhamuu keessatti"**

Kun gocha xumurame agarsiisa. Kun Waaqayyoon geggeefamuu Phaawuloos agarsiisa (cf. 18:21; 19:21; 20:23, 1Qor. 4:19; 7:40; 16:7). Hubachiisa 19:21 irra jiru ilaali. Hafurri qulqulluun lakk. 23 keessatti caqafameera.

**20:23 "hafuurri qulqulluun garuu, hidhamuunii fi dhiphachuun akka ana eeggatu, mandara ani ga'e hundumaatti anatti mul'iseera"** Kun hafuurri qulqulluun Phaawuloosiin akeekkachiisuudhaaf raajota garaa garaatti fayyadameee ta'uu danda'a (cf. HoE 9:16; 21:4,10-12). Waaqayyo yeroo baay'ee waan garii hin fakkaanne akeekaaf ergee dhimma itti ba'a (Isa. 55:8-11). Phaawuloos kaayyoo Waaqayyoo tajaajiluu isaa waan amaneef guufuun namni qopheesu karaa isaa isa hin jijjiirsifne.

**20:24 "kana irraa kan hafe jireenya koo akka waan gatii anaaf qabuutti hin lakkaa'u"** yaadni kun faallaa jedha ofii giddu-galeessa godhatanii yaaduuti. Kiristiyaanonni addunyaa ilaachaa adda ta'e qabu. Isaan ofiif du'anii (yaada garaa geeddarachuu) cubbuudhaafis du'anii Waaqayyoof jiraatan (cf. Rom. 6; 2Qor. 5:14-15; Gl. 2:20; 1Yoh. 3:16). Eenyummaa dhuunfaa keessa hin jirre fida.

▣ **"ergaa koo fi hojii koo kana raawwachuu"** Kun jecha atileetummaa dorgommii fiiguu agarsiisa. Phaawuloos fakkeenya dorgommii fiigichaatti fayyadamuu jaalata. Yeroo baay'ee jireenya isaa akka fiigichaatti ibsa (cf. Qor. 9:24-27; Gal. 2:2; 5:7; Fil. 2:16; 3:14; 2Xim. 2:5; 4:7). Phaawuloos akka Waaqayyo fedha karooraa fi kaayyoo adda ta'e jireenya isaaf qabu amane.

▣ **"hojiin wangeelaa…Gooftaa Yesuus biraa anatti kennameera"** Phaawuloos Damaasqootti waamichi isa qaqqabe (cf. HoE 9). Amantoonni hundumtuu waamamanii hojiin wangelaa itti kennameera (cf. Efe. 4:11-12). Kana waan hubatuuf ilaalchi biyya lafaa kanaa haala jireenya keenyaa jijjiira (cf. 2Qor. 5:18-20). Nu'i namoota ergama irra jirruudha! Nuyi tajaajiluudhaaf fayyine. Nuyi hundumti keenya keesumeessitoota wangeelaa fi kennichaati!

▣ **"wangeela ayyaana Waaqayyoof"** Abdiin dhala namaa cubbuutti kufee ayyaana araara Waaqayyoo isa hin geeddaramne duwwaadha. Waaqayyo inni hundumaa danda'u waan jireenya keenyaaf nu ga'u hundumaa nuuf kenneera. Abdiin keenya eenyummaa isaa fi wanta inni nuuf godhe irra jira.

Luqaas darbee darbee "wangeela" akka maqaatti (Luqaas keesa hin jiru. HoE keessatti immoo al lama duwwaa, 13:7; 20:24) fayydamuun isaa nama ajaa'ibsiisa, garuu akka xumuraatti yeroo baay'ee macaafota isaa lamaanuu keessatti fayyadama.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 20-25-35**
**[25]Ammas isin, warri ani isin idduu deddeebi'ee waa'ee mootummaa Waaqayyoo isinitti lallabaa ture hundinuu, si'achi akka ana hin argine ani beeka. [26]Kanaafis isinkeessaa tokko karaa irraa yoo bade, akka ani itti hin gaafatamne har'a guyyaa kanatti isinitti dhugaa ba'uu kooti. [27]Anoo fedha Waaqayyoo**

**hundumaa isinitti himuudhaaf hin seene. [28]Of eegadhaa, karra hoolota Waaqayyoo warra hafuurri qulqulluun akka eegdaniif. Isin dhiiga tokkichi ilma isaatiinkan isaan godhate eega! [29]Erga ani adeemee immoo isaatiin kan isaa godhate eega! [29]Erga ani adeemee immoo warri akka yeeyyii sodaaachoon, hoolota karra keessatti kan hin hambifne akka isin gidduu galan ani beeka. [30]Isinuma keessaa iyyuu namoonni dubbii dhugaa jal'isuudhaan amantoota garagaalchanii of duukaa buusuun ni ka'u. 31kanaafis dammaqaa! Waggaa sadii halkanii fi guyyaa utuu gargar hin kutin imimmaaniin akkan tokkoon otkkoon keessangorsaa ture yaadadhaa! [32]Ammas harka Waaqayyoo isa isin jabeessu, qulqulloota isaa hundumaa gidduudhaas dhaala isiniif kennuu danda'uutti, dubbii ayyaana isaattis isinnan kennadha. [33]Tokkoon keessan irraa warqee yookiis meetii yookiis uffata argachuu hinkajeelle. 34Anaa fi warra na duukaa jiraniif waan barbaachise argachuudhaaf harka kootiin hojjechaa akkan ture, isin ofii keessanii iyyuu beektu. [35]Akka kanatti dhamaanee hojjechuudhaan dadhaboota gargaaruun, isa gooftaa Yesuus ofii isaatii, 'fudhachuu irra kennuutu caalaa nama gammachiisa' jedhes yaadachuun nuuf ni ta'a; anis immoo karaa kana hundumaan fakkeenya isiniif ta'eera" jedhe.**

**20:25 "isin…hundinuu si'achi akka ana hin argine ani beeka"** Inni Ispeen dhaquuf karoora qaba ture, garuu akka galumsa isaatti kun agarsiisuu kan danda'u hidhaa isa eegatu fi Yeruusaalemitti du'uu akka danda'udha. Xalayoonni Phaawuloos hojii wangeelaaf deemuu Phaawuloos isa arfaffaa ni ibsa yoo ta'e naannoo kana deebi'ee dhufee ture jechuudha.

1. Efesoon, 1Xim. 1:3; 3:14; 4:1
2. Miilexos, 2Xim. 4:20
3. Xiro'aas illee ta'uu danda'a, 2Xim. 4:13

Phaawuloos amantiidhaan geggeessaa Waaqayyoo keessa jiraate waan fuldura jiru adda barrassee hin beeku ture.

▣ **"mootummaa Waaqayyoo isinitti lallabara"** yaadachiisa 2:34 irra jiru ilaali.

**20:26 "isin keessaa tokko karaa irraa yoo bade, akka ani itti hin gaafatamne"** Kun dubbii warra Yihudootaa, akka HoE 18:6 ykn addumatti, Hisq. 3:16ff fi 33:1ffti. Phaawuloos amantiidhaan wangeela lallabeera (cf. 2Qor. 2:17). Amma warri dhaga'anii fi warri dhga'uu didan ba'aa murtoo isaanii baratu. Warri kaan fayyinaaf, warri kaan immoo badiisaaf (cf. 2Qor. 2:15-16).

**20:27 "hin seesne"** Yaadannoo 20:20 irra jiru ilaali.

▣ **"fedha Waaqayyoo hundumaa"** Nuyi yeroo hundumaa jedha keenya utuu hin ta'in ergaa Waaqayyoo guutummaatti labsuu qabna! Kun karaa naannawaadhaan waa'ee Yihudoota warra Phaawuloos ergicha irraa hanbiseera jedhanii (jechuunis seera Musee amantii warra Yihudootaa) kan dubbatudha; ykn waa'ee wara waan mul'atuun nama madaalanii 2Qor. 12 keessaa, Phaawuloosiin kennaa hafuuraa hin qabu jedhanii kan dubbatudha. Kaayyoon Waaqayyoo nama gara tokkummaa isaa wajjin qabuutti deebisuudha; kun immoo kaayyoo uumamaa ture.

**20:28 "of eeggadhaa"** Kun ajaja raawwii ammaa agarsiisa. Gorsi kun 1Qor. 16:13; Qol. 4:2; 1Tas. 5:6,10 keessas jira. Jireenyi kirisityaanummaa kallattii namummaa fi Waaqayyoo qaba. Waaqayyoo yeroo hundumaa dursa fudhatee karoora qopheessa, garuu amantoonni dhaga'uu qabu akkasumas itti fufiinsaan dhaga'uu qabu. Karaa tokko jireenya hafuuraa keenyaaf ittigaafataummaa qabna (cf. Fil. 2:12-13). Wanti tokko tokko amantootaaf dhufaa ta'e geggeessitoota waldaatiifis dhugaadha (cf. 1Qor. 3).

▣ **"karaa hoolota Waaqayyoo…eeggadhaa!"** Kun fakkeenya saba Waaqayyootti (cf. Far. 23; Luq. 12:32; Yoh. 21:15-17). Akkasumas madda jecha "luba" (pastor) jedhuuti. Yaadannoo 20:17 irra jiru ilaali. Geggeessitoonni waldaa ofii isaanii fi waldoota isaaniitiif Waaqayyo biratti ittigaafataummaa qabu (cf. 1Qor. 3).

▣ **“warra hafurri qulqulluun akka eegdaniif isin dhaabes”** Kun geggeessitoonni waldaa waamicha Waaqayyootiin fo’amuu isaanii agarsiisa.

▣ **“akka eegdaniif”** Yaadannoo 20:17 irra jiru ilaali.

▣ **“waldaa kiristiyaanaa”** “Waaqayyo” barreeffamoota Giriikii durii keessatti ni argama: p74,A,C,D fi E “Gooftaa”’n immoo MSS, א fi B keessatti ni argama. Phaawuloos yeroo baay’ee gaalee “waldaa Waaqayyoo” jedh ni fayyadama, garuu gaalee “waldaa Gooftaa” jedhu fayyadameee hin beeku. Galumsi isaa garuu gaalee “waldaa Gooftaa” isa jedhu ni deggeera sababiin isaas gaaleen itti fufee jiru “dhiiga tokkicha ilma isaatiin” jedhu shakkii malee Kiristoosiin bakka bu’a. Haa ta’uu malee, kun salphaamatti jijjiirama warri bara durii kitaabota baray’isan fiduu danda’u jedhee namni tokko tilmaamudha. Kanaaf barreeffamni Giriikii UBS4 “Waaqayyo” isa jedhu kaa’a, garuu akka “c”tti ilaala. “Gooftaa” inni jedhu baay’ee kan hin baramnee fi dubbisa hunda caalaa ulfaatudha.

Barreeffamni kun warri kitaabota baray’isan sababa ti’olojiin wal qabateef jedhanii barreeffama jijjiiruu isaaniitiif fakkeenya gaariidha. Ibsi gaariinkitaaba Bart D. Dhirmaniin barreeffame “*The Ortodox Curruption of Scripturu*” jedhamu ful. 87-89 keessatti argama. Warri kitaaba baray’isan barsiisa dogogora bara isaanii ciminaan ittiin mormuuf jecha barreeffamoota jijjiraniiru. HoE 20:28 jijjiirama baay’ee dhiibara keessaa seenaadhaan/hundee amantiitiin walqabachuu danda’uu keessummeessuu danda’a.

Dogoggora jennee mormiidhaaf utuu harka keenya hin kaasin, Kakuu haaraan macafota durii hundumaa caalaa hiikaa gudaa akka qabu yadachuu qabna. Mallattoo jechooa warra jalqabara dhibbara dhibbatti beekuu yoo baranne, ilee, amma illee, barreeffma amanamaa fi dogoggora hin qabne qabna! Jijjiiramoonni kun hundee amantii kamiyyuu hin miidhan!! Kiaaa “*Rethinking New Testament Textual Criticism*” jedhamu David alan Blakiin barreeffame ilaali.

▣ **“dhiiga tokkicha ilam isaatiin kan isaa godhate”** Kun yaada Kakuu Moofaa isa aarsaa bakka buufamu dubbatu mul’isa (cf. Lew. 1-7; Isay. 53). Ciminaan Yesuusiin waaqummaa isaa caqasuus ta’uu danda’a. Phaawuloos yeroo bay’ee dubbii dhugaa kana agarsiisutti dhimma ba’a (cf. Rom.9:5; Qol. 2:9; Tit. 2:12).

Gaalee Afaan Giriikii kana “karaa isa kan isaa ta’ee” jedhanii hiikuunis ni danda’ama, jechuunis nama isatti aanu (jechuunis ilma isaa Yesuus) kitaabni F.F.Brusiin barreeffame “*Commentary on the book of Acts*” jedhu fula 416 #59 irratti akka jedhutti gaaleen kun “karaa dhiiga ofii isaa” jedhamee hiikamuu qaba jedha; dubbiin isaa kun immoo barreeffama gogaa irratti barreeffamee keessatti mirkaneeffameera.

**20:29 “warri akka Yeeyyii sodaaachisoon… isin gidduu akka galan”** Fakkeenyi kun fakkeenya dura “hoolota” fi “tiksee hoolotaa” irratti hundaa’e irratti kan bu’uurefamedha. Kun rakkoo barsiisota sobduu keessa (Lakk. 29) fi alaa (Lakk. 30) ol kaase mul’isa. Isaan lachuu gogaa hoolaa uffatanii dhufan (cf. Mat. 7:15-23; Luq. 10:3; Yoh. 10:12, barreeffamoota Macaafa Qulqulluu keessa yaada jiru walitti buusan keessattis, “noch” 89:10-87; IV “Ezra” 5:18). Amantoonni warra Waaqayyoof dubbatan ofiin jedhan qoranii ilaaluu qabu (cf. 1Yoh. 4:1). Wangeelaaf dubbii isaanii fi hojii isaaniitiin amanamuummaa isaan qabaniin qoraa isaa ilaala (cf. Lakk. 18-24; Rom. 16;17-18).

**20:30 “dubbii dhugaa jal’isuudhaan”** Hiikaan bu’uuraa isaa “micciiruu” jechuudha. Hawaasa namaa ibsuudhaaf gargaara (cf. Luq. 9:41; Fil. 2:15). Hojiin kun 2Phex. 3:15-16 keessatti ibsameera (jecha biraadhaan).

▣ **“amantoota garagaalchanii of duukaa buusuun”** Gaafiin karaa Ti’ooloojii gaafatamu, “warri garagaalfaman, hafuuraan, duwwaa ta’an moo gara wal’aalan?” kan jedhudha (cf. Mat. 24:24). Seerota hordofuun ni danda’am, garuu amantii inni dhugaan itti fufa (cf. 1Yoh. 2:18).

**20:31 “dammaqaa”** Kun ajaja yeroo ammaa kan agarsiisuu fi (cf. Mat. 13:35) isa Lakk. 28 irraa “of eeggadhaa” jedhuun kan wal-fakkaatudha. Geggeessitonni Waaqayyoo fi waldaan Waaqayyoo yeroo hundumaa barsiisota sobduu to’achuu qabu warra fedha dhuunfaa keenyaa hin fudhanne utuu hin ta’in warra wangeelaa fi jireenya wangeelli nama barsiisu warra hin fudhanne.

▣ **“waggaa sadii”** Kun hamma Phaawuloos Efesoon ture agarsiisa. Gaaleen yeroo agarsiisu kun hojii Phaawuloos naannoo sanaa hundumaa kan hammatudha. Magalaa, waldaa ykn naannoo kam iyyuu caalaa inni amantoota kanaa wajjin yeroo dheeraa ture. Isaan wangeela beekaniiru! Amma eeganii babal’isuu ni danda’u!

**20:32 “Waaqayyootti…isin nan kennadha”** Kana jechuun “imaanaa”dha (cf. 14:23). Imaana wangeelaa nutti kennameef Waaqayyo biratti itti gaafatamummaa qabna (cf. 1Xim. 1:18). Warra fuula duratti wangeela warra kaanitti dabarsanitti wangeela dabarsuu qabna (cf. 2Xim. 2:2).

Maqaan “Waaqayyoo” MSS p74, א A, C, D fi E keessatti ni argama. Jechi “Gooftaa” jedhu MS B keessatti ni argama. UBS4 jecha Theos jedhuuf sadarkaa “B” (dhugaatti kan dhiyaatu) yaala.

▣ **“dubbii ayyaana isaattis”** Barreeffama lakk. 24 irra jiru ilaali. Kun jecha “wangeela” jedhuuf hiikaa kan ta’udha.

▣ **“isa *isin* “wangeela”** jedhuuf hiikaa kan ta’udha. (wangeela) gara bilchinaatti akka nama geessu hubadhu (cf. 9:31). Phaawuloos yeroo baay’ee fakkeenya kanatti dhimma ba’a. Jechi Giriikii kun karaa lama “jabeessuu” ykn “fooyyeessuu” jedhame hiikamuu danda’a (cf. 1Qor. 14). Kun kaayyoo wangeelaatti, bilchinsa nama dhuunfaa duwaaa utuu hin ta’in bilchina waldaa guutuu kan barbaradudha.

▣ **“dhaala *isiniif* kennuu”** Kakuu Moofaa keessatti Waaqayyo dhaala Leewwotaa fi Lubootaa ture. Kakuu Haaraa keessatti karaa namummaa fi hojii Kiristoos amantoonni ijoollee Waaqayyoo waan ta’aniif. Waaqayyoo dhaala amantoota hundumaatiif (cf. Rom 8:15,17; Gal. 4:1-7; Qol. 1:12).

▣ **“qulqulloota isaa hundumaa gidduudhaas”** Kun raawwii xumurame agarsiisa. Mata duree addaa: qullaa’uu 9:32 irraa ilaali.

**20:33 “warqee yookiis meetii yookiis uffata”** Kun gosoota qabeenyaati. Phaawuloos hojii isaa fi fedha isaatiif falmaa jira. Kakuu Haaraa keessatti albaradhummaa fi kaka’umsi isaan ejjaaf qaban basiisota sobduudhaaf mallattoo isaaniiti (cf. 3:10-17).

**20:34 “anaaf… waan barbachise argachuudhaaf harka kootiin hojjechaa akkan ture”** Phaawuloos waldaa dhiyeenyatti tajaajile irraa sababa maqa-balleessii waa’ee fedha isaatii barsiisota sobduudhaan walitti fufiinsaan dhiyaachaa tureet jecha gargaarsa fudhachuu dide Phaawuloos ofi isaa deggere (cf. 1Qor. 4:12; 9:3-7; 2Qor. 11:7-12; 12:13; 1Tas. 2:9; 2Tas. 3:6-13). Akkasumas, Phaawuloos barsiisaa amantii ta’ee waan leenji’eef, ofii isaatii barsiisuudhaaf qarshii fudhachuudhaaf yaaddoo qabarachuu danda’a. Garuu, tajaajiltoota wangeelaatiif kennamuu akka qabu dubbata (cf. 1Qor. 9:3-18; 1Xim. 5:17-18).

Seenaan baay’ee gaarii ta’ee fi gabarabinaan waa’ee biyyoota naannoo Medetiraaniyaanii jaarraa tokkoffaa ibsu kitaaba James S. Jeffers barreesse “*The Greco-Roman World of the New Testament Era*” jedhamuun kaa’ameera. Kunis akka Phaawuloos karaa naannawaa yeroo adeemsa marsaa sadanuu fedha ofii guuttachuudhaaf harka ofiin hojjechaa akka ture dubbachuu isaa ibsa (cf. ful 28).

1. Adeemsa isa duraa, 1Qor. 4:12; 9:6; 1Tas. 2:9
2. Adeemsa isa lammaffaa, HoE. 18:3
3. Adeemsa isa sadaffaa, HoE. 19:11-12; 20:34; 2Qor. 12:14

**20:35** Dhamaatiin amantootaa badhaadhinaa fi qo’annoo dhuunfaatiif utuu hin ta’in warra rakkatan maqaa Yesuusiin gargaaruudhaaf akka ta’e hubadhu (cf. 2Qor. 9:8-11). Phaawuloos Yesuus irraa jecha isaa waraabuun isaa wangeela kam keessatti iyyuu hin argamu. Kanaaf, kun afoola ta’uu qaba.

“Dadhaboota” kana jechuun dubbii amantiitti kiristiyaanota dadhaboo ta’an (cf. Rom. 14:1; 15:1; 1Qor. 8:9-13; 9:22) jechuu utuu hin ta’in warra hir’ina foonii qaban jechuudha. Phaawuloos ofii isaa fi namoota gargaarsa barbaradan deggeruudhaaf hojjechaa ture.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 20:36-38**
[36]**Phaawuloos kana erga dubbatee booddee, hunduma isaanii wajjin jilbeenfatee Waaqayyoon kadhate.** [37]**Hundumti isaaniis boo'aa morma isaatti marmanii dhungatan.** [38]**Dubbiin inni si'achi akka isaan isa hin argine dubbate immoo, caalaa isaan gaddisiise; akkasitti isaan hamma lafa markabatti isa geggeessan.**

**20:36 "jilbeenfatee"** Phaawulos Yihudii ta'uu isaatiin haalli kun haala inni ittiin si'a kaan kadhatu hin turre. Kun adaa ittiin of kennan ta'uu danda'a (cf. Lakk. 32:21:5).

▣ **"morma isaatti marmanii"** NKJV'n salphaamatti "morma Phaawuloositti kufan" jedha. Geggeessitoota waldaa warra nu gargaaruu dhufaniif Waaqayyoon galateeffadhaa!

▣ **"debbiin inni…dubbate immoo, caalaa isaan gaddisiise"** Kun lakk. 25 kan agarsiisudha.

## GAAFFILEE MARII

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoo tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Quqlulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiika laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffilee marii kan dhiyaatan akka tai dhimmoota gurguddoo kutaa Macaafa kanaa keessatti ibsaman keessa deebitee yaadduuf si gargaaruufidha. Gaafileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Phaawulos namoota magaalaa garaagaraa irraa dhufan baay'ee wajjin maaliif adeemaa ture, Lakk 4 keessatti?
2. Akka Ti'ooloojiitti kaayyoon Lak. 7-10 maali?
3. Lakk. 3 maaliif baay'ee namaa hin galu?
4. Phaawuloos jaarsolii Efesoon fulduratti malaiif ofii isaaf falma?
5. Raajonni dhaquun isaa waan hamaa akka isa irraan ga'u erga itti himanii Phaawuloos malaiif Yeruusaaleem dhaquu yaade? (Lakk. 22-23)
6. Raajonni sobduu iddoo fi bara hundumaatti malaiif mul'atu? Isaan fayyaniiru? Warri isaan hordofan fayyaniiruu? Raajii sobduu malainni?
7. Lakk 36-38 akka geggeessitoota nananoo keenyaaf kadhannuu fi akka isaan jaalannu malaiif nu godha?

# HOJII ERGAMOOTAA 21

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Deemsa Phaawuloos gara Yeruusaalemitti godhe | Deemsa gara Yeruusaalemitti godhameef akeekkachiisota kennaman | Phaawuloos Filisxeemitti deebi'ee | Phawuloos gara Yeruusaalem dhaqe | Deemsa gara Yeruusaalem |
| | | (2:7-21:14) | | |
| 21:1-6 | 21:1-14 | 21:1-6 | 21:1-6 | 21:1-6 |
| 21:7-14 | | 21:7-14 | 21:7-11 | 21:7-14 |
| | Phaawuloos akka nagaan bu'uuf amansiisuuf yaaluu isaa | Phaawuloos Amtiin Yihudootaa akka jedhutti deemuu isaa | 21:12-13 | Phaawuloos Yeruusaalemiin ga'uu isaa |
| 21:15-17 | 21:15-25 | 21:15-16 | 21:15-16 | 21:15-16 |
| Phaawuloos Yaaqoobiin arguu isaa | | | Phaawuloos Yaaqoobiin arguu isaa | |
| 21:17-26 | Mana sgadaa keessatti qabamuu isaa | 21:17-26 | 21:17-25 | 21:17-25 |
| | 21:26-36 | | 21:26 | 21:26 |
| Phaawuloos mana sagadaa keessatti qabame | | Qabamuu fi Falmata Phaawuloos | Phaawuloos mana sagadaa keessatti qaame | Phaawuloos qabamuu isaa |
| 21:27-26 | | (21:27-22:29)<br>21:27-36 | 21:27-29 | 21:27-29 |
| | | | 21:30-36 | 21:30-36 |
| Phaawuloos falmachuu isaa | Rakkinni Yeruusaalemitti ta'uuf jiru himamuu isaa | | Phaawuloos falmachuu isaa | |
| 21:37-22:5 | (21:37-22:21) | 21:37-40 | (21:37-22:5)<br>21:37a | 21:37-40 |
| | | | 21:37b-38 | |
| | | | 21:39 | |
| | | | 21:40-22:2 | |

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Quqlulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoo tokkon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Quqlulluunii fi Hafuurri Quqlulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hinjiraatu.

Boqonnaa al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama qullummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan hiruun dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaan furtuudha. Kun immoo giddu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyata gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata tokkoffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffa

4. Kkf

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 21:1-6**
**[1]Akka kanatti nagaa isaanitti dhaamnee giddutti gargar bane, utuu hin jal'atiin markabaan ceenee, Qos. Biyya bishaan ekessaa dhufne; borumtaa isa aimmoo Raadoos biyya bishaan keessaa geenye, achii immoo kaanee mandara Phaxaraa dhaqne. [2]Achitti markaba kutaa biyya finiiqeetti ce'u arganne, yaabnee ittiin adeemne. [3]Qophroosiin fuulleetti arginee, harka bitaatti hambifnee Sooriyaatti darbinee, Xiroos iddoo itti markabichi mi'a buusuun ta'utti buufame. [4]Amantoota achi jiranis argamee, torban tokk isaan bira turre; amantootnni kunis hafuura qulqulluutiin gaggeeffamanii, akka inni Yeruusaalem hin dhaqne Phaawuloositti hima. [5]Yeroon nuyi isaan biraa adeemuuf jenne geenyaan, isaan biraa kaanee, karaa keenya irra buune; hundumti isaaniis haadha manaa isaaniitiifi ijoollee isaanii wajjin hamma nu'i manadara keessaa baanutti nu geggeessan. Hundumti keenya qarqara bishaanichaatti jilbeenfamee Waaqayyon kadhanne. [6]Nagaa walitti dhaamee, nuyi markabicha yaabbanne, isaan immoo deebi'anii gara mana isaaniitti galan.**

**21:1 "utuu hin jal'atiin"** Kun markabaran utuu hin jal'atiin gara fuulduraatti yabaluu jechuudha (cf. 16:11). Luqaas jechoota waa'ee markabaran deemuutiin wal qabatan sirriitti beeka ture (cf. Lakk 3). Hojii ergamootaa keessatti iddoon 'nuyi' jedhu baay'een isaa markabaran deemuu kan of keessaa qabuudha.

▣ **"Qos"** Maqaan kun "gumii" jechuudha. Jechi kun maqaa biyya bishaan keessaa sanaa akkasumas maqaa magaalaa guddaa isaatii ture. Biyyi bishaan keessaa kun iddoo mana Hippookiraatsa ture (Dh.K.D jaarraa shanaffaa). Inni (biyyi bishaan keessaa) kun iddoo manni barumsaa fayyaa guddana itti argamu ture. Inni bulchiinsa bilisa kan akka qaama bulchiinsa Roomaa Asiyaatti ilaalamu ture. Inni Miilexos irraa gara kibbaratti maayilii Afurtama fagaatte argama.

▣ **"Raadoos"** Kunis maqaa biyyichaa akkasumas maqaa magaalaa guddaa isaaniiti. Biyyi daldalaa beekamtuun kun kan isheen beekamtu: (1) angooxoo isheetiin (2) akkasumas yuunivarsiitii isheetiin ture, Innis ogummaa dubbii nama amansiisu barreessuu fidubbachuu irratti kan xiyyeeffatu ture. Dh.K.D bara 29 keessa kan isheen ittiin addunyaa irratti beekamtu; Nahaasii, akkasumas boca namaa faana 104 dheeratu kan Keyyata galaanaa

bukkee dhaabatee jiruun ute. Bocni kun akka mana isaa warra markabaran deemaniif ibsaan irraa ifuutti fayyada ture.

▣ **"Phaaxaraa"** Barreeffamoonni Giriikii warri gara lixaa (cf. P+1, D) "fi Maayiraa" kan jedhu itti dabalu (27:5 irraa dabalataa dhufe ta'uu danda'a), kunimmoo Keyyata doonii guddicha kan dooniiwwan siiriyaa dhaqanii ture. Phaaxaraan magaalaa qarqara galaanaa kan Liisiyaa keessatti argamtu turte. Isheen Waaqolii raajiitiin beekamti turte, kunimmoo yeroo tokko Delfii keessatti iyyuu mul'atee ture.

**21:2 "markaba kutaa biyya finiiqeetti ce'u arganne"** Kun markaba Guddaa ta'uu qaba. Dooniiwwan xixiqqoon buufaticha dhiphisanii turan. Markabni kun yeroo baay'ee utuu hin jaal'atin deemuudhaan isaan oolcheera.

**21:3 "Qophroosiin fuulleetti arginee"** Kun waa'ee Barnaabarasii fi deemsa hojii wangeelaaf deemame isa jalqabara isana yaadachiisuun isaa hin oolu.

▣ **"Siroos"** Kun magaalaa guddiittii finiiqee kan qarqara galaanaa turte.

**21:4 "Amantoota"** Magaalaa kana keessa waldaan, tarii ariyatama Isxiraanosiin booda kan jalabamte, turteetti (cf. 8:4; 11:19). Yeroo kanatti amantoonni, amantoonni kan biraan akka isaanii wajjin turan ni barbaradu ta'a (cf. lakk. 7,16).

▣ **"Hafuura Qulqulluutiin geggeeffamanii akka inni Yeruusaalem hin dhaqneef Phaawuloositti himan"** Kun walitti qabama kana gidduu namoonni raajii dubbatan akka turan nutti agarsiisa (cf. 20:23; 21:10-12). Ergaan isaan waa'ee ariyatamaatiif darbasan dhugaa ture, garuu Deemuun Phaawuloosis fedha Waaqayyoo ture (cf. Lakk 14). Yesuus, araa Anaaniyaas, Phaawuloositti waan inni jireenya isaa keessatti hojjetu itti himee ture (cf. HoE 9:15-16). Dhiphachuun jiraachuu danda'a, garuu inni moototaaf dhuga ba'umsa ta'uuf jira.

**21:5 "jilbeeffannee Waaqayyoon kadhanne"** Kun jaalalaa fi waliif ho'uu kirisityaanootaafi fakkeenya baay'ee dinqiidha. Kun tajaajila addaa ta'uu danda'a, Akka 20;32,36)

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 21:7-14**

**[7]Nuyi isa Xiiroosii kaane immoo mandara Phitelemeesitti gallee, markabaan adeemuu raawwanne; achittis amantoota nagaa gaafannee, guyyaa tokko isana bira oolle. [8]Borumtaas achii kaanee mandara Qisaariyaa dhufnee, mana Filiphos lallabaa wangeelaa dhaqne. Inni immoo warra torban Yeruusaalemitti fo'aman keesaa tokko ture; isa biras takka bubbulle. [9]Filiphos ijoollee durbaa afur qaba ture; ijoolleen kun hafuura Qulqulluudhaan wanta Waaqayyo isaanitti mul'ise ni himu turan. [10]Erga guyyaa danuu Qisaariyaa teenyee raajiin Abaabos jedhamu tokko biyya Yihudaatii achi dhufe. "Raafiin kunis nu bira ga'ee sabbata, Phaawuloos ittiin hidhatu fuudhee, sabbatichaanis harka ofii isaatii fi miilla ofii isaa walitti hidhee, "Yihudoonni Yeruusaalem jiraatan abaa sabbata kanaa akkasitti akka hidhan, harka warra saba Waaqayyoo hin ta'iniittis dabarsanii akka kennan Hafuurri Qulqulluun ni dubbata" jedhe. [12]Nuyi, namoonni achi turanis dubbii kana dhageenyee, Yeruusaalemitti akka ol hin bane Phaawuloosiin ni kadhanne. [13]Inni garuu, "Maaliif boossanii, yaada garaa koo dhiphiftu" Anoo hidhamuu duwwaa utuu hin ta'in, maqaa gooftaa Yesuusiif jedhee Yeruusaalemitti du'uuf iyyuu qophaa'aadha" jedhee nuuf deebise. [14]Inni nuuf sarmuu dinnaan, "Jaalalli gooftichaa haa ta'u" jennee dhiifne.**

**21:7 "Phitelemees"** magaalaan kunkan isheen moggaafamte generaala Iskindir guddiitti Isa Gibxii bulchee fi, Abuduroo Phitoolamii 2ffaa isa Dh.K.D bara 26tti magaalaa kana ijaaree, kan ture booddeedha. Buufanni uumamaa qarqara Filisxeemitti argamu kana qofa ture. Kakuu Moofaa keessatti Aakoo jedhama tue (cf. Abboota Firdii 1:31). Har'a kan isheen waamamtu maqaa goota ishee, kan Akree jedhamuunidha.

▣ **"Amantoota"** Hojii Ergamootaa keessatti kun, duuka buutoota akka jechuuti (cf. Lakk. 4,16).

▣ **"isaan bira oolle"** Caaffata Lakk. 4 irra jiru ilaali.

**21:8 "achii kaanee"** galaan irra yookiin lafa irra adeemuun isaanii ifa miti.

▣ **"Qisaariyaa"** Kun magaalaa gudditti Roomaa ishee kan Filisxeem turte. Isheen magaalaa qarqara galaanaa kan Keyyata nam-tochee qabdu turte. Filiiphos hojjetaa wangeelaa, as jiraate (cf. 8:40).

▣ **"Inni immoo wara torban Yeruusaalemitti fo'aman keessaa took ture"** Kun kan inni agarsiisu, rakkina waldaa Yeruusaalem, kan himannaa waa'ee raabsama nyaataa haqummaa in qabnee, isa Dubartoota Abara manaa hin qabne warra afaan Giriikii dubbataniif godhamuuti. Waldoonni, akka isaan fedha kana raawwaaniif, namoota torba filte. Hundumti isaanii maqaa Giriikii qabu turan. Warri filaman kun torban, Qallabdoota cicciimoo turan. Isaan mul'ata wangeela Addunyaa-guutuutiin ga'uu qabachuudhaan warra jalqabara turan (cf. HoE 6).

**21:9 "ijoolleen durbara afur qaba ture;… hafuura qulqulluudhaan wanta Waaqayyo isaanitti mul'ise ni himu turan"** Ragaawwan Kakuu Haaraa keessa jiran irratti hudnaa'uudhaan, qooda dubartoonni waldaa bulchuuf qaban irratti akkaataa ilaalcha keenyaa keessa deebinee yaaduu qabna (cf. Yo'eel 2:28-32; HoE 2:16-21). Mata duree addaa: Dubartoota Macaafa Qulqulluu keessatti jedhu ilaali (2:17 irraa). Dhimmi kun ifa miti. Seenaan waldaa kiristiyaanaa, Isaan gara Asiyaa xinnittii (phriigiyaa) dhqanii, ijoolleen durbara kunis bara dheeraa jiraatanii hamma dulluma isaaniitti Waaqayyoon tajaajilan jedha. Seenaa kana kan nu'i barannu waraabbii Yusebi'uus (Eusebius) isa inni, Pholiqiraaxasii) fi paappi'aas irraa waraabe irrati (cf. Eccl. Hisq. 3:31:2-15).

**21:10 "Raajiin Agaabos jedhamu"** Jecha kana hubachuudhaaf yo xinnaate karaa lamatu jira: (20 xalayoota warra Qoronxoos keessatti kun kan inni agarsiisu, wangeela hirmaachuu yookiin labsuudha (cf. 14:1) fi (2) Macafni Hojii Ergamootaa Raajota ni kaa'a (cf. 12:27-28; 13:1; 15:32; 21:10, Raajummaa iyyuu, 21:9).

Rakkinni jecha kanaan walqabatee jiru, kennaan Raajii dubbachuu, Kakuu Haaraa keessa jiru Raajoota Kakuu Moofaa wajjin akkamitti wal-qabata? Kan jedhudha. Kakuu Moofaa keessatti Raajonni warra Macaafa Qulqulluu barreessaniidha. Kakuu Haaraa keessatti hojiin kun duuka buutota warra jalqabara kudha lamaanii fi gargaartota isaaniitiif kennameera. Erga warri kudha lamaan du'anii hojiin isaa kan biraa haa ta'u iyyuu malee, kennaan "ergamoota" ta'uu akkuma eegametti waan itti fufeef, kunis raajota ta'uudhaaf karaadha (raajota ta'uu isaanii mul'is). Macaafni Qulqulluun barreeffamee raawwateera; kana booddee Macaafni Qulqulluun barreeffamu hin jiru (cf. Yihuudaa 20). Hojiin Raajota Kakuu Haaraa inni guddaan wangeela labuudha, Garuu akkamitti dhugaan Kakuu Haaraa haalotaa fi wantoota yeroo ammaa barbarachisan irratti akka hojjetus agarsiisuu ni dabalata. Mata duree addaa: Raajii Kakuu Haaraa keessatti jedhu 11:27 irraa ilaali.

**21:11** Agaabos, akkuma raajota Kakuu Moofaa Ermiyaasii fi Hisqi'eel, mul'ata isaa agarsiise.

**21:12 "Phaawuloosiin ni kadhanne"** Kun gocha hin raawwatamin jiru agarsiisa. Innis (1) gocha jalqabu yookiin (2) gocha yeroo darbe keessa irra deddeebi'ame jechuu ta'uu danda'a.

**21:13** Gocha raajii kana yaada Phaawuloos, isa Yeruusaalem dhaquun fedha Waaqayyooti jedhuu wajjin adeemsisuu (madaaluun) ulfaataadha (cf. Lakk. 4).

**21:14 "jaallaliGooftichaa haa ta'u"** Kun hima ajajaa kan yeroo ammaa, kan miira kadhannaatiin godhamedha. Waaqayyo jireenya Phaawuloosiif kaayyoo fi akeeka qaba ture. Phaawuloos, waa'ee rakkina fuuldura isaa jiruutiif rajaiin yoo itti dubbatame iyyuu fedha Waaqayyoo beekuun isaa itti dhaga'ama ture. Phaawuloos, raajiin kun akka inni hafuuraa fi sammuudhaan of qopheesuuf malee, deemuu isa dhowwuudhaaf akka hin taanetti yaaduun isaa hin oolu.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 21:15-16**
**[15]Guyyoota kana booddees qophoofnee, Yeruusaalemitti ol bane. [16]Amantoonni Qisaariyaa tokkos immoo nu duukaa dhufanii, mana Minaason nama Qophros, isa duraan gooftaatti amane bira akka buufannuuf nu geessan.**

**21:15 "qophoofnee"** Hiikaan "king James" "gaarii keenya fudhannee" jedha (NKJV'n immoo "hidhamee"). Jechi kun deemsaaf qophaa'uu kan agarsiisu yommuu ta'u, Kakuu Haaraa keessatti iddoo kanatti qofa argama.

▣ **"Yeruusaalem"** Isheen maayibii 64 fagaattee argamti turte.

**21:16 "Minaason"** Kun Yihuudii kiristiyaana, Isa Qophroosii dhufe ture (akkuma barnaabaras). Inni Yihuudii aadaa Giriikii beeku, kan akka warra torban Hojii Ergamootaa 6 irraa ta'uu danda'a. Inni durumaanuu nama amane ture; tarii Luqaas yeroo Phaawuloos Qisaariyaatti hidhamee tureetti yeroo isana Filisxeem turan waa'ee wangeelaatiif isa haasofsiiseera ta'a.

**ILAALCHA HOJII ERGAMOOTAA 21:17-23-30, HAALA HIIKAA GALUMSAATIIN**

A. **QOQQOODDA GABABA HOJII ERGAMOOTAA 21:17-26:32** (hidhamuu fi falmachuu Phaawuloos Yeruusaalemii fi Qisaariyaatti)

| | | |
|---|---|---|
| 1. | Goolii fi qabamuu mana sagadaa keessatti | 21:17-40 |
| 2. | Phaawuloos saba duratti falmachuu isaa | 22:1-22 |
| 3. | Qorannoo Roomaa | 22:23-30 |
| 4. | Gaaffii (Qorannoo) Angafa lubootaa | 23:1-10 |
| 5. | Maree Phaawuloosiin ajjeesuuf godhame | 23:11-35 |
| 6. | Phaawuloos Feliks duratti | 23:1-23 |
| 7. | Phaawuloos kophaatti Feeliiksii Duraasilaa duratti | 24:14-27 |
| 8. | Phaawuloos Fesxoos duratti | 25:1-12 |
| 9. | Phaawuloos Agriiphaa 2ffaa fi Berniiqee duratti | 25:13-26:32 |

## B. QABIYYEEWWAN GURGUDDOO FALMATA PHAAWULOOS

| Qabeenyummaan gurguddoo | Phaawuloos ummata fuulduratti | Phaawuloos Angafa luboota duratti | Phaawuloos Feeliks duratti | Phaawuloos Fesxoos duratti | Phawuloos Agriiphaa 2ffaa duratti |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. Dudduubni isaa Yihudii ta'uu | 22:3 | | 24:14,17-18 | | 26:4 |
| 2. Seera farsisootaa barachuu isaa fedhii guddaa qabaachuu isaa | 22:3 | 23:6-9 | 24:15,21 | | 26:5-8 |
| 3. Ari'atamuu isaa sababii "karicha"tiif | 22:4-5 | | | | 26:9-11 |
| 4. Waa'ee jijjiiramuu isaatiif dhuga ba'umsa mataa isaatii | 22:6-16 | | | | 26:12-16 |
| 5. Waaqayyoon gara tajaajila beekamaatti | 22:17-22 | | | | 26:17-23 |

## C. WAL-BIRQABA SADUQOOTAA FI FARISOOTAA

| | **SADUQOOTA** | **FARISOOTA** |
|---|---|---|
| Madda | Bara Makkaabiyaanii | Bara Makkaabiyaanii |
| Hiikaa maqichaa | "Zaadokitoota"? | "warra adda ba'an"? |
| Sadarkaa hawaasummaa | Luboota gita olaanaa | Namoota sadarkaa giddu galeessaa kan aanoo lubummaa hin qabne |
| Gaaffii amantii | Seera barreeffame qofa (keessumaa uumamaa kaasee hamma seera keessa deebiitti) | Seerota barreeffamanii fi kan hin barreeffamne akkasumas raajiiwwanii fi barreeffamoota Kakuu Moofaa hunda |
| Ti'ooloojii | Makara<br>- Faallaa farsisootaatik dhiibbara Zooro'aastri'a niisimii jal ajiru jedhamanii komatamu (cf. 23:8) | Kan guddatu (yaada qajeelaa kan qabu)<br>- Jireenya du'a boodaatti akkasumas, du'aa ka'uutti ni amanu<br>- Jireenya guyyaa guyyaatiif caasaa seeraa baay'ee cimaa ta'e qabu |

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 21:17-26**

**[17]Yommuu nuyi Yeruusaalem geenye, amantoonni gammachuudhaan nu simata. [18]Borumtaas Phaawuloos nuu wajjin Yaaqoob ira dhaqe; jaarsoliin waldaa kiristiyaanaa hundumati isaaniis achitti argaman. [19]Phaawuloos erga nagaa isaan gaafatee booddee, waan Waaqayyo warra saba isaa hin ta'in gidduutti, hojii isaa keessaan raawwate, tokko tokkoon tarree galchee isaanitti ni odeesse. [20]Yommus warri kan dhaga'an Waaqayyoof hoqubaa dhi'eessan; Phaawuloosiin immoo komatanii, "Ilaa obboleessaa! Yihudoonni amanan kumaatama meeqatti kan lakkaa'aman akka jiran atumtuu ni argita; hundumti isaaniis seera Waaqayyootiif ni hinaafu. [21]Yihudoonni warri biyya Ormaa keessa jiraatan hundinuu, seera Musee akka ganan, ijoollee isaanii akka dhagna hin qabne, wanta amala ta'e duukaa akka hin buune, barsiisuun kee isaanitti himameera. [22]Isaanoo akka ati dhufte ni dhaga'u; egaa maal gochuu wayyaree? [23]Amma wana nu'i sitti himnu godhi! Namoota wareega of irraa qaban afur qabna. [24]Ati isaan fuudhii dhqi, isaanii wajjin of qulleessi, mataa isaanii haaddachuu akka danda'aniif, gatii isaan of qulleessuudhaaf baasan ati baasiif! Kanaan namoonni hundinuu, waa'ee keetiif kan isaanitti himame kun waan dhimma hin baafne ta'uu isaa, atis ofii keetii seeratti qabamuu kee, isas eeguuk kee beekuu ni danda'u. [25]Saba Waaqayyoo warra hin ta'in keessaa kan amanan immoo, galma Waaqayyoolii tolfamaniif dhi'aate irraa, dhiiga nyaachuu fi dhuguu irraa, foon horii hudhamee du'ee nyaachuu irraa, halalummaa irraas, akka of eeggatan duraan dursinee murtoo goonee isaaniif caafneerra" ittiin jedha. [26]Phaawuloos borumtaa namoota sana geessee isaanii wajjin of qulleesse. Guyyaan qullaa'ummaa isaanii yoom akka raawwatamu, guyyaa kamittis tokko tokkoon isaaniitiif aarsaan akka dhi'aachu beeksisuudhaaf, mana qulqullummaatti gale.**

**21:17** Kun amantoonni Yeruusaalem jiran, Phaawuloosii fi Ormoota warra amantiif simannaa onnee irraa madde akka isaan godhaniif nu hubachiisa (cf. Lu. 8:40; 9:11; Hojii Ergamootaa 2:41; 18:27; 21:17; 24:3; 28:30). Garuu waldaa Yeruusaalem keessa jibbi odeeffannoo sobara irraa maddes tureera (cf. Lakk. 20-21).

**21:18-19 "Phaawuloos nuu wajjin Yaaqoob bira dhaqe"** Asitti wanti addaa kennaa waldoota Omrootaa nutti agarsiisu hin jiru (cf. 24:17). Phaawuloos Yaaqoobiif gabarasa wal-fakkaataa dhi'eesse (15:12 keessatti). Yaaqoob walakkaadhaan obboleessa Yesuus ture, akkasumas Dura bu'aa kabajamaa kan waldaa Yeruusaalem ture (cf. HoE 12:17; 15:13).

**21:18 "jaarsoolokiin waldaa kiristiyaanaa hundumti isaanii achumatti argaman"** Egamoota kan jedhu akka hin caqasamne hubadhaa. Jarri biyyootirraa wangeelaaf naanna'aa turan ykn diqqas du'aniiru ta'a, jechi jaarsoolii jedhu itti fayyadamu Yihudii agarsiisa (4:5,8,23; 6:12; 11:30; 15:2,4,6,22,23; 16:4; 23:14; 24:1,25; 25:15; Ibr. 11:2; Yaq. 5:14). Jechoota waldaa keessatti dubarra eegdootaaf oole miti. (14:23; 20:17,18,23; 1Xim. 5:17,19; Tit. 1:5; 1Phex. 5:1; 2Yoh. 1; 3Yoh. 1).

**21:19** Namoonni yaada kennan tokko tokko Phaawuloosiif simannaa o'aan hin godhamne, akkasumas qarshiin waldoota Ormootaa irraa argame kan ajamu miti jedhu. Sababni isaan dhi'eessan immoo kan armaan gadiiti.

1. Phaawuloos geggeessitoota waldaa Yeruusaalem keessaa tokko bira utuu hin ta'in, mana Yihudoota warra afaan Giriikii dubbatanii boqote.
2. Kennaa sanaaf wanti galata ibsu hin jiru. Inni hin tuqamne iyyuudha.
3. Geggeessitoonni yerosuma kumaatama waldaa Yeruusaalem keessa jiran biratti akka inni hin jallatamne Phaawloositti himan.
4. Waldaan hidhaa keessatti akkasumas yaa'ii fuulduratti Phaawuloosiin gargaaruu isheetiif wanti ibsamne hin jiru.

Waa'ee ergaa fi ergama Phaawuloos irratti mormii fi faajja'uun tureera jedhamuu qaba. Garuu, lakkoofsi 19. Poosatiivii waan ta'e natti fakkaata!

**21:20 "Yihudoonni amana kumaatama meeqatti kan lakkaa'aman"** Kun humna wangeelaa fi jaalala Waaqayyo Yihudoota Yeruusaalem keessa jiraniif qabuuf dhuga ba'umsa attam nama dinqudha. Hafteen Yihudoota amananii turaniiru.

▣ **“amanan”** Kun gocha raawwatame agarsiisa. Kun shakkii malee, amantii dhugaa isa fayyisu agarsiisa. Namni tokko dhimmoota ti’ooloojii hunda utuu wal faana hin hubatin yookiin immoo akka malee hubatee iyyuu fayyuu ni danda’a, (cf. HoE 1:6; Luq. 19:11). Phaawuloos warra akkasii, kiristiyaanota “Dadhaboo” jechuudhaan hira (cf. Rom. 14:1-5; 13; 1Qor. 8; 10:23-33). Inni hamma “Dadhabbiin” isaanii wangeela irraan dhiibbara hin geenyetti, dudduubatti beebi’ee isana jajjabeessuu ni danda’a (Yihudoota Galaatiyaa).

▣ **“hundumti isaaniis seera Waaqayyootiif ni hinaafu”** Kun kan inni nu agarsiisu, farisoonnii warri amantii isaaniitiif hinaaffan baay’een amanuu isaaniiti, garuu, amanuun isaanii hinaaffaa amantii (gama tokkoof looguu) isaan keessaa hin balleessine. Kun akkuma Yihudoota warra Galaatiyaati.

**21:21 “Yihudoonni warri biyya Ormaa keessa jiraatan hundinuu, seera Muusee akka ganan,… barsiisuun kee isaanitti himameera”** Gaaleen “isaanitti himameera” jedhu jecha Hibrootaa “owwaata irra deebii” jedhuu kan calaqqiisu yommuu ta’u barsiisa afaanii agarsiisa. Kun kan inni xumura yeroo ammaa (barsiisuu) wajjin walitti hidhameef, Yihudoonni Yeruusaalem keessa jiran waa’ee hojii Phaawuloos irra deddeebi’anii karaa loogii qabuun dhaga’aa akka turan agarsiisuufidha. Himanni kun Ormootatti lallabuu isa rakkisa baay’eedhaaf sababa ta’e caalaa (cf. HoE 15) baay’ee hammataa ture. Jechi “akka ganan” jedhu jecha bara’ee jabara kan “apostasy” jedhamee gara ingiliffaatti hiikamedha (cf. 2Tas. 2:3). Dhimmi Ti’oolojii kan akkaataa itti Yihudoonni amanan Kakuu Moofaa wajjin ilaalamuu qabaniin walqabatee jiru amam iyyuu furmaata hin arganne.

**21:23 “namoota wareega of irraa qaban Afur qabna”** Isaan kun miseensota waldaa turan. Kun wareega murtaa’aa Naazireet agarsiisa (cf. Lakk. 6:1-8). Phaawuloos duraan wareega walfakkaataa qaba ture (cf. 18:18). Waa’ee wareega murtaa’aa kanaa gadi gafeenyaan hin beeknu (cf. nazir 1:3).

**21:23-25** barreeffamni kun ilaalcha Phaawuloos, walitti dhufeenya Yihudootnni kiristiyaanaa ta’an seera Museef qaban irratti qabu akka hubannuuf nu gargaara. Phaawuloos aadaa Yihudootaa eeguu ittuma fufeera ta’a (cf. 18:18; 20:6), yoo xinnaatellee yeroo Yihudootatti lallabuuf yaalu (cf. 1Qor. 9:19-23). Kun tarii Yihudoota bara keenyaa warra Masihiin ni dhufa jedhanii yaadaniif ragaa ta’uu danda’a.

**21:24 “gatii isana of qulleessuuf barasan ati barasiif”** Phaawuloos iddoo kanatti wareega qabaratee utuu hin ta’in, gatii warra kaanii barase ta’a. Geggeessitoonni amantii Yihudootaa, gatii wareegaa barasuun kabaja guddaa akka qabu barsiisaniiru (Ned. Loa).

**MATA DUREE ADDAA: WAREEGA NAAZIROOTAA**

I. Kaayyoo isaa
   A. Kun karaa ittiin namni tokko, dhiirri yookiin dubartiin (cf. Lakk. 6:1), kan sanyii leewwotaa hin taane, ititin ofii isaa yookiin ishee tajaajila Waaqayyootiif of keennu/kennitudha (kunis. “Gooftaaf qulqulaa’u”). Nama Naaziriit jechuun, “kan adda ba’e” jechuu yommuu ta’e, yaada hundee jecha Hibraayisxii qulqulluu jedhuuti.
   B. Kakuu Moofaa keessatti, wareega bara jrieenya ofii guutummaa ture
      1. Saamsoon (Abbo. 13:7)
      2. Saamu’eel (1Sam. 1:21)
      3. Yohaannis Cuuphaa
   C. Amantiin Yihudootaa, wareega Naazireet kan yero gabaabaa uume (tarii jecha, Lakk. 6:5 irra jiru irraa kan dhufe ta’a). Inni gabaabaan guyyoota soddomaaf kan turu ture. Wareegni yeroo gabaabaa kun kan inni raawwatamu, mataa haaddachuu fi isa haadamee immoo mana qulqullummaatti aarsaa wajjin gubuudhaani.
   D. Ulaagaalee murtaa’oo (cf. Lakk. 6:1-8)
      1. Dhugaatti jabaa fi wayinii dhuguu, wanta wayinii irraa tolfames nyaachuu dhiisuu (cf. Lakk.

6:3-4)
2. Mataa murachuu dhiisuu
3. Nama du'aa tuquu dhiisuu. Kun sirna awwaalchaa Yihudootaa irratti akka hin hirmaanne ni dhowwa.
4. Kennaa xuraa'ummaa dingataaf kennamu (Lakk. 6:9). Hojii Ergamootaa 21:23-25 irra jiru, dhimma kana of keessaa qaba. Yero of qulleessuu fi aarsaa dhi'eessuutu ture (cf. Lakk. 6:9-12)

▣ **"mataa isaanii haaddachuu"** Waa'een wareega naazireetoota, lakk 6 keessatti ibsameera. Warra wareega dhaabbataa fudhataniif mataa (rifeensa) murachuun hin hayyamamuuf. Haata'u malee, wareegni inni yeroo murtaa'aadhaaf godhamu, dhuma yeroo wareegichaa irratti mataa haaddachuudhaan beekama. Iddoo kanatti (lakkoofsa kana irratti) Phaawuloos aadaa warra itti lallabuu fakkaachuudhaaf akka inni yaalu nutti agarsiisa (cf. 1Qor. 9:19-23; 10:23-33).

**21:25 "caafneerra"** Kun yaada mana mare Yeruusaalem kan karaa seeraatiin godhame agarsiisa (cf. HoE 15:19-20, 28-29). Caaffanni kun irra caalaatti danqaa (garaagarummaa) karaa nyaataa fi hojii, Yihudoota warra amananii fi Ormoota warra amanan, kan waldaa warra biyya alaatii dhufanii, keessa jiru kaase (balleesse) (Filisxeeii ala). Haa ta'u malee, kun walitti dhufeenya Yihudoonni amanan seera Museetiif qabaniin wal hin qabatu.

**21:26 "mana qulqullummaatti gale"** Kun waan rakkisa uumuu danda'uudha!

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 21:27-36**
**27Guyyaan torbaffaan isaanii raawwatamuu geenyaan, Yihudoonni kutaa biyya Asiyaatii dhufan. Phaawuloosiin mana qulqullummaa keessatti arganii, guuta jaraa hundumaa itti kaasanii, isa qabatan. 28Jarri kun sagalee isaanii ol fudhatanii, "yaa warra Israa'el, kottaa nu gargaaraa! Isa kana namichi nama keenya, seera Musee, mana qulqullummaatti galchuudhaan, iddoo qulqulluu kanas xureesseera" jedhanii itti iyyan. 29Duraan xirofimoos nama Efesoon isaa wajjin mandara keessatti waan arganiif, Phaawuloos mana qulqullummaatti isa geesseera ta'a jedhanii yaadanii turan. 30Kana irratti mandarichi guutummaatti socho'e, namoonni walitti dacha'an Phaawuloosiin butanii daddarbachaa mana qulqullummaa keessaa baasan; achumaanis balbalonnii mana qulqullummaa ni cufaman. 31Isaan Phaawuloosiin ajeessuuf utuu yaalanii, Yeruusaalem guutummaatit goolamuun isaa kutata waraana Roomaa irratti angafa kumaa isa turetti himame. 32Angafichi kumaa sun achumana loltoota yommuu argan, Phaawuloosiin rukutuu dhiisan. 33Yommus angafchi kumaa Phaawuloositti dhi'aatee isa qabsiise, "Funcaa lamaan hidhaa!" eenyu jedhama? Maal balleesses?" jedhee, jara gaafate. 34Tuuta sana keessaa kaan waan tokko jedhee iyya, kaan immoo waan biraa jedha. Angafichi garuu waca jaraatiif akka isaan hubachuu waan dadhabeef, Phaawuloosiin iddo buufata loltuutti akka geessan abboome. 35Phaawuloos buusaa ittiin ol yaaban bira ga'ee, wal dhiibuu namootaatiif akka itti adeemu dhabnaan, warri loltuu ol fuudhanii isa baatan. 36Yommus tuuti jaraa "Balleessi!" jedhaa iyyaa duukaa bu'an.**

**21:27 "Yihudoonni kutaa biyya Asiyaatii dhufan"** Diinoonni Phaawuloos warri duriis ayyaanaaf gara Yerusaalem dhufanii turan. Phaawuloos yeroo kanatti iddoo amantiin warra Yidhuootaa itit ol aantummaa qabu gidduu ture.

**21:28 "isa kana namichi…barsiisu"** Yihudoonni Asiyaa kun barsiifni Phaawuloos kan waadaa Kakuu Moofaa guutuu utuu hin ta'in, kan amnatii Yihudootaa mormu godhanii hiikkatan. Himanni kun, isa Isxifaanos irratti godhameen walfakkaata (cf. 6:13). Phaawuloos mataan isaa kana jedheera ta'a; Inni utuu Damaasqootti Kiristoosiin hin argin, shakkii malee barsiisa Yihudootaa (cf. 22:20) kanaan walii gala ture. Ergaan Kiristoos,

amantii Yihudootaa kan jaarraa tokkoffaa, isa seera qabeessaa fi beekamaa ture dadhabsiise! Kana immoo barsiisa Phaawuloos isa "fayyinni nama hundumaaf" jedhun keessatti qofa utuu hin ta'in, barsiisa isa fayyinni Kiristoositti amanuu keessaan qofa akka dhufu hubachiisuu keessatti ni argina.

▣ **"Ammuma iyyuu Gitiikota tokko fidee mana qulqullummaatti galchuudhaan"** taateen kun kan raawwatame, mana murtii Israa'el, iddoo itti wareegni Naazirootaa karaa golee kibba bahaa, raawwatametti ta'uu danda'a. Ormootaan lixuun seeraan kan hayyamamu, iddoo murtii mana qulqullumma aisa gara alaa qofa ture. Kun himannaa sobara ture (cf. Lakk. 29).

**21:29 "Xirfimoos nama Efesoon"** Yihudoonni Asiyaa (Efesoon) kun Phaawuloosii fi Xirofimoosiin lamaanuu kan beekan, yommuu ta'u, Phaawuloosiin ajjeesuudhaaf durumana karoorsanii turan (cf. 20:3). Amma isaan loogii sanyummaa Yihudootaatiin Phaawuloosiin ajjeesuuf carraa rgatan (cf. Lakk. 31, 36).

**21:30 "Balbaloonni mana qulqullummaa ni cufaman"** Kun balbala isa iddoo murii Isra'elii fi iddoo murtii dubartootaa gidduu jitu ture. Manni qulqullummaa humna poolisii Leewwotaa warra seera eegsisan kan mataa isaatii qaba ture. Gochi kun kan godhame, (1) manni qulqullummaa akka hin miidhamneef yookiin (2) akka Phaawuloos mana qulqullummaatti ol hin deebineef eegufidha.

Gooliin Yihuudonni kun kaasan, isa warri Efesoon kaasaniin (cf. HoE 19) akkaataa tokko kan qabu ture.

**21:31 "kutaa waraana *Roomaa* irratti angafa kumaa"** kun salphaatti, geggeessaa kumaa jechuudha. Angafni kumaa kun kutata waraana Roomaa keessatti aangawaa sadarkaa ol'anaa ta'uu danda'a. Kutanni waraana Roomaa kun yeroo ayyaanaatti baray'inni ummata Yeruusaaleem kan yeroo kaanii irra harka sadiin waan ol ka'uuf kana chi buufate ture. Hojiin kutata waraana kanaan seera eegsisuu ture.

▣ **"Kutata Waraanichaa"** Isaan masaraa Antooniyaa isa iddoo murtii mana qulqullummaatiin qullee jiru keessa jiraatu turan. Masaraan kun Heroodis guddichaan kan ijaarame yommuu ta'u, warri Roomaa garuu akka Keyyata waraanaatti itti fayyadaman (cf. Josephus, Wars 5.8).

**21:32 "Lolotootaa fi angafoota dhibbara"** Angafa dhibbara jechuun salphaatti, geggeessaa dhibbara jechuudha. Masaraan Antooniyaa naannoo mana qulqullummaatiin fuullee kan jiru ture. Inni keessumaa iyyuu yeroo ayyaanaatti baay'ee eegama ture.

**21:33 "fuucaa lamaan hidhan"** Kana jechuun (1) harkaa fi miilla yookiin (2) loltoota Roomaa lama gidduutti ta'uu danda'a. Phaawuloos, loltoota Roomaatti waan mootummaa mormu itti fakkaate (cf. Lakk. 38).

**21:34-35** Kun miiraa fi Goolii tuuta sanaa nutti agarsiisa (cf. Lakk. 30).

**21:35 "buusaa ittiin ol yaaban"** Buusaan ittiin ol ba'an kan masaraa Antooniyaa irraa gara naannoo mana qulqullummaa dhaqu kun Lakk. 32 irratti karaa biraatiin ibsameera, "irra ba'e" (gadi bu'e). Buusaan ittiin ol ba'an kun iddoo lamatti kan qoodamu yommuu ta'u, lamaanuu gara iddoo mana qulqullummaa garaagaraatti geessu (Hirama garaagaraa). Warri Roomaa jeequmsa (Goolii) kamiyyuu dafanii dhaabsiisuu barbaradu. Guyyoonni ayyaanaa yeroo itti tasgabbiin akka biyyaatti hin jirre turan.

**21:36 "duukaa bu'an"** Kun jechoota Yesuusitti iyyamaniin tokkodha (cf. 22:22; Luq. 23:18; Yoh. 19:15). Haala itti Yihudoonnii fi warri Roomaa Phaawuloosii fi Yesuusiin keessummeessan gidduu walfakkeenya baay'eetu jira.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E) 21:37-40**

**[37]Yeroo warri loltuu iddoo buufata isaaniitti isa galchuuf jedhanitti Phaawuloos, "Waasitti dubbachuun ni danda'amaa?" jedhee angafa kumaa gaafate. Kana irratti angafichi, "Afaan Giriikii iyyuu beektaa? [38]Yoos ati Girbxicha isa kanaan dura, warra kuma arfan godduu hidhatanii, hinaaffaa biyya isaaniif nama**

**ajjeesuu barbaadan, geggeessee lafa Onaatti galche sana miti kaa?" jedheen. 39Phaawuloos garuu deebisee, "Ani Yihudiidha, Xarsees mandara biyya Qiliiqiyaattan dhaladhe, ani nama manadara beekamaa tokkooti, haadaraa namoota kanatti akkan dubbadhuuf sin kadhadha" jedhe. 40Yommus angafichi kumaa, "Haa ta'u dubbadu!" ittiin jedhe. Phaawuloos buusaa irra dhaabbatee, harkaan isaan hawwate; namoonni gab jennaan afaan warra Yihudootaatiin isaanitti dubbachuutti ka'e.**

**21:37 "Afaan Giriikii iyyuu beektaa"** Koloneelichi Phaawuloos Afaan Giriikii dubbachuu isaatti dinqifamee ture, sababni isaas Phaawuloos nama Giriikii kan biyya isaatiif hinaafu isa inni waa'ee isaa dhaga'ee ture itti fakkaate (cf. Lakk. 38 fi *Antiq*, isa Yooseefas (Josephus) barreesse. 2:13:5; 20:8:6). Fincilli Gibxii kun kan inni ta'e Dh.K.B bara (52-57)tti ture.

**21:38 "warra…nama ajjeesuu barbaradan"** Kun jecha Laatiinii 'sicarii' jedhu kan nama nama ajjeesu yookiin nama hidhannaa qabu agarsiisduha. Kakuu Haaraa keessatti yeroo baay'ee "Hinaaftoota" jedhamanii beekamu (cf. Luq. 6:15; HoE 1:13). Isaan gartuu Yihudootaa warra humnaan warra Roomaa of irraa buusuuf kutannoo qabaniidha.

A.T.Robertson, *Word pictures in the New Testament*, hidha. 3 fuula. 382, irratti akka jedhutti, jechi kun jalqaba Jooseefasiin kan faayidaa irra oole yommuu ta'u, duuka buutota Gibxoota warra biyya isaaniif hinaafanii ibsa (cf. *Joosefas, Wars* 2:13:5; Antiqu. 20:8:6,10).

**21:39 "nama mandara beekamaa tokkoti"** Kun jechama (*litotes*) Phaawuloos, nama lammii, magaalaa yunivarsiitii sadarkaa addunyaa qabduu, ta'uu isaa ittiin hubachiisedha. Duraan bulchiinsaa mootummaa Roomaa keessatti namni tokko lammii magaalaa Roomaa hin taanee fi kan magaalaa Roomaa ta'uu hin danda'u ture; garuu bara Phaawuloos keessa kun jijjiramee ture. Barreeffamichi aangawaan Roomaa kun dinqifamuu isaa hin ibsu.

**21:40 "haa ta'u dubbadhu"** (hayyama kenneef) Ajajaan kun amma iyyuu wanti kun maal akka ta'e baruu barbaade!

▣ **"afaan warra Yihudootaatiin isaanitti dubbachuutti ka'e"** Phaawuloos afaan Araamaayikiitiin tuuta sanatti dubbate (Isaan yeroo garbummaa jala turanitti afaan araamaayikii dubbachuu baran). Kun yeroodhaaf tuuta sana cal jechisiise (cf. 22:2)

**GAAFFILEE MARII**

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Quqlulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Quqlulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Quqlulluun, akkasumas Hafuurri Qulqulluun hiika laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan akka ati dhimmoota gurguddoo kutaa macaafa kana keessatti ibdaman keessa deebitee yaaduuf si gargaarufidha. Gaaffileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Phaawuloos, utuu raajonni magaalota hunda keessa jiran akka inni gara Yeruusaalem hin dhaqneef itti himanii maaliif didee dhaqe?
2. Yihudoonni warri amanan seera Museetiin akkanitti ilalamu?
3. Himannaan Yihudoonni Asiyaa Phaawuloos irratti dhiyeessan (Lakk. 28a keessatti) dhugaadhaa?
4. Yaadni ajajaa kanaa (Lakk. 39) Yihudoonni muraasni Afaan Giriikii beekuu isaanii moo Phaawuloos nama Gibxiiti jedhee yaaduu isaa agarsiisa?

# HOJII ERGAMOOTAA 22

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Phaawuloos ni falmate | Gooliin Yeruusaalem himamuu isaa | Qabamuu fi falmachuu Phaawuloos (21:27-22:29) | Phaawuloos ni falmate (21:37-22:5) | Phaawuloos Yihudoota Yeruusaalemitti dubbachuu isaa |
| 21:37-22:5 | 21:37-22:21 | 21:37-22:1 | | |
| | | | | 22:1-5 |
| | | 22:2 | | |
| | | 22:3-5 | 22:3-5 | |
| Phaawuloos akka itit amane himuu isaa | | | Phaawuloos akka itti amane himuu isaa | |
| 22:6-11 | | 22:6-11 | 22:6-11 | 22:6-11 |
| 22:12-16 | | 22:12-16 | 22:12-16 | 22:12-16 |
| Phaawuloos gara warra Ormootaatti ergame | | | Waamicha Phaawuloos warra Ormootatti lallabuuf waamame | |
| 22:17-21 | | 22:17-21 | 22:17-21 | 22:17-21 |
| Phaawuloosii fi yaa'ii Roomaa | Phaawuloos nama Roomaa ta'uu isaa | | | Phaawuloos nama Roomaa |
| 22:22-29 | 22:22-29 | 22:22-29 | 22:22-25 | 22:22-29 |
| | | | 22:26 | |
| | | | 22:27a | |
| | | | 22:28b | |
| | | | 22:29 | |
| Phaawuloos yaa'ii duratti (22:30-23:11) | Warra Farisootaa fi Saaduqootaa gidduutti gooliin ka'uu isaa | | Phaawuloos yaa'ii fullduratti (22:30-23:11) | Angafa Lubootaa fuulduratti dhiyaachuu isaa (22:30-23:11) |
| 22:30-23:5 | 22:30-23:10 | 22:30 | 22:30 | 22:30 |

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. kkk

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

| |
|---|
| **BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 22:1**<br>**1"Yaa obboloota nana, abboota nanas, falmata ani isin duratti dhi'eefadhu kana anaaf dhageefadhaa!" jedha.** |

**22:1**
**NASB "obboloota nana, abboota nanas"**
**NKJV "namoota, obbolootaa fi abboota"**
**NRSV "obbolootaa fi abboota"**
**TEV "obboloota koo warra Yihudoota"**
**NJB "obboloota koo, abboota koo"**

Kitaabni warra *Hojii Ergamootaatiif hiikaa laataniif Niwumaanii fi Niidaadhaan barreeffame* akka ibsutti, kunnamoota umrii Phaawuloos irra jiranii fi kan isaa ol jiran agarsiisa (cf. fuula 419). Akka natti fakkaatutti wanti kun jechama (cf. 7:2) ta'uu danda'a; sababiin isaas, yeroo kanatti Phaawuloos waggaa jaatamaa ol ta'ee kan ture yommuu ta'u, kunimmoo umrii tuuta sanaatiin wal hin simu.

Ummata kana keessa amantoota lammii tokko jiraachuu danda'u. tarii jechi "obboloota" jedhu isaaniin kan agarsiisu ta'uu danda'a. Garuu, Phaawuloos yeroo hundaa sabummaa isaa fi lammummaa isaatiin adda ba'a (cf. Rom. 9:1-5; Fil. 3:5).

▣ **"falmata"** Jecha Ingiliffaa "apology" jedhu, jecha Giriikii kan (apologia) jedhu irraa arganna. Kana jechuun, xumura (jecha) seeraa, falmata jedhuudha. Jecha kan Phaawuloos qoramuu isaatiin wal qabatee, Kakuu Haaraa keessatti yeroo baay'ee argina (cf. 25:16; 2Xim. 4:16).

| |
|---|
| **BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 22:2**<br>**2Afaan Yihudootaatiin isaanitti dubbachuu isaa yommuu dhaga'an, caalaatti calluma jedha. Phaawuloos itti fufee** |

**22:2 "Afaan Yihudootaatiin"** Kun afaan Araamaayikii agarsiisa. Jechoonni wangeelota keessa jiran kan baray'ina agarsiisa, warri Yesuus dubbate, kan isana jiran Araamaayikiidhaani. Kun Afaan Hibraayisxii duriitiin hidhata kan qabu ture. Inni Afaan Impaayera Pershiyaa ture. Yihudoonni kan isaan afaan kana baran, yeroo to'annaa isaanii jala turanidha. Fakkeenyaaf, Nehiimiyaa 8 keessatti, yero Izraan seera Musee afaan Ibraayisxiitiin dubbise, Leewwonni immoo namootaaf afaan Araamaayikiitti hiikuu qabu turan (cf. Neh. 8:7).

▣ **"caalaatti calluma jedha"** Phaawuloos kabajaan dubbachuu isaa, Afaan Araamaayikii bareechee dubbachuu isaatiifii tuuta sana keessaas baay'een kan isa beekan yookiin kan waa'ee isaa beekan ta'uu isaaniitiin walitti dabalamee, callisni guddaan battalumatti akka ta'u godhe. Isaan wanta inni jechuuf jiru dhaga'uu barbaradan. Kun warra gageessitoota amantii Yihudootaa ta'anitti lallabuudhaaf carraa guddaadha.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 22:3-5**

**[3]"Ani Yihudiidha; Qiliiqiyaa keessaa Xarseesittan dhaladhe, addana Yeruusaalemittan guddadhe. Gamaali'el birattis seera abaabiilii keenyaaf kenname hundumaa ija irratti eegaa bareera; akkuma keesssan har'aa kanas Waaqayyoof nan hinaafan ture. [4]Namoota karaa barsiisa haara akana irra adeemanis hamma du'anitti nan ari'adhan ture, warra dhiiraas warra dubartiis qabeetan mana hidhaatti glachisiisan ture. [5]Angafni Lubootaa, yaa'iin maanguddootaas guutummaatti waa'ee kanaaf dhugaa anaaf ba'u. isaanuma biraa caaffata gara Yihudoota obbolota Damaasqoo jiraniitti caafame baafadhee; jarreen kana qabee, akka isaan adabamanitti hidhee gara Yeruusaalemitti fiduudhaaf, Damaasqoo nan dhaqan ture.**

**22:3 "ani Yihuudiidha;… Xarseesittan dhaladhe"** Phaawuloos tuuta Yihudootaa kanaan adda of barasuuf yaalaa jira. Inni Yihudii ta'uu isaa hubachiisaa jira (cf. 2Qor. 12:22; Fil. 3:5-6). Inni akka Yihudii-afaan Giriikii dubbatu, isa biyya alaatii dhufeetti ilaameera ta'a.

Gaaleen "magaalaa kanattan guddadhe" jedhu kan inni agarsiisu, (1) Xersaas yookiin (2) Yeruusaalem ta'uu danda'a. Haala hiikaa galumsaatiin garuu, Yeruusaalem agarsiisa. Yoo akkas ta'e, Phawuloos ogummaa Giriikiitiin kan inni leenji'e naannoo Xarseetitti ta'uu qaba.

▣ **"Gamaali'eel birattis,…bareera"** Kun barsiisaa amantii baay'ee kabajamaa ture (cf. 5:34-40). Inni '*Masihinah*' keessatti yeroo baay'ee ibsameera. Phaawuloos barataa mana barumsaa amantii isa Hilleel jiruu ture. Tuutni kun jecha kanatti dinqifachuun isaanii hin oolu. Mata duree addaa: Gamaali'eel, ilaali (5:34 irraa).

▣ **"seera abarabilii keenyaaf kenname hundumaa ija irratti eegee"** Kun Farisoota keesaa tokko turuu isaa (cf. 23:6; 26:5) fi kanaafis fedhii olaanaa kan qabu ta'uu isaa (cf. Lakk. 4) kan agarsiisu ta'uu danda'a. Farisoonni, seerri afaaniin daddarbara dhufe (kunis, Talmuudii) inni Kakuu Moofaa hiiku akka eegamuuf hinaaffaa guddaa kan qabaniidha.

▣ **"akkauma keessan har'aa kanas"** Phaawuloos hinaaffaa isaan Waaqayyoof qaban ni dinqisiifate. Inni akkuma isaanii ture!

**22:4 "Nan ari'adhan ture"** Phaawuloos tajaajila isaa keessatti yeroo hundaa, guyyoota kana gaabbii guddaadhaan deebi'ee yaadata. Inni kana yeroo baay'ee ni dubbata (cf. 9:1,13,21; 22:4, 19; 26:10-11; Gal. 1:13,23; Fil. 3:6; 1Xim. 1:13). Phaawuloos sababii hojii kanaatiis, yeroo baay'ee qulqulloota keessaa isa xiqqaa ta'uu isaa dubbata (cf. 1Qor. 15:9; 2Qor. 12:11; Efe. 3:8; 1Xim. 1:15).

▣ **"karaa…kana"** Kun maqaa waldaa kiristiyaanaa isa duraanii ture (cf. 9:2; 19:9,23; 22:4; 28:14,22). Kun kan inni agarsiisu immoo (1) Yesuus "karicha" (cf. Yoh. 14:6) fi (2) karaa jirenyaa, wangeelatti amanuu (cf. Kess. 5:32-33; 31:29; Far. 27:11; Isa. 35:8).

▣ **"hamma du'aatti"** Phaawuloos kiristiyaanonni tokko tokko akka du'an godheera (cf. 8:1,3; 26;10)! Inni shakkii malee, du'a Isxifaanoos keessaa harka qaba (cf. 7:58,81).

▣ **"warra dhiiraas warra dubartiis qabeetan mana hiidhaatti galchisiisaan ture"** Phaawuloos kana dubartoota irrati illee raawwachuun isaa, hammam akka inni ciminaan ari'achaa ture agarsiisa.

**22:5** Phaawuloos, halaota karaa Damaasqoo irratti Yesuusitti amanuutti isa geessan himaa jira (cf. HoE 9)

▣ **"yaa'iin maanguddootaas"** Kun salphaatti "maanguddoota hunda" jechuudha. Luqaas jecha kana, Angafoota lubootaa ibsuuf itti fayyadama (Luq. 22:66). Kun jecha, qaam aseera qabeessa gaggeessitoota Yihudoota warra Yeruusaalem (Angafoota Lubootaa) ibsu, isa barame miti. Kun koree geggeessitoota xiqqaa kan agarsiisu ta'uu danda'a.

▣ **"caaffata…caafame barafadhee"** F.F.Bruce, *Paul: Aposthe of the Heart SetFree*, irratti, waa'ee aangoo angafoonni Lubootaa biyyoota naannoosaanii irratti qabanii barreeffamni namatti tolu barreeffameera (fuula 72). Odeeffannoo dabalataatiif, IMacc. 15:21 fi Josephus, ilaali.

▣ **"Damaasqoo jiraatanitti"** Kun, Yohudoonni amanan kan Ari'atam Yeruusaalem baqatanii turan akka jiran agarsiisa.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 22:6-11**
**[6]"Karaa irra adeemaa Damaasqootti yommuu ani dhi'aadhe, Waareetti dingata ifni humna-qabeessi naannoo kootti balaqqeessa'e. [7]Lafatti kufeen sagalee, 'Saa'ol, Saa'ol, maaliif na ari'atta?' jedhu dhaga'e. [8]'Eenyu ati yaa gooftaa jedheetan deebise; inni immoo, 'Ana Yesuus nama Naazireet, kan ati ari'achaa jirtu' anaan jedhe. [9]Namoonni anaa wajjin turan ificha arganiiru; sagalee isa anatti dubbachaa ture garuu hin dhageenya. [10]Ani immoo, 'Maal godhu, gooftaa?' jedheen gaafadhe; gooftaan immoo, 'ka'ii, mandara Damaasqootti lixi, akka ati gootuuf waan Waaqayyo murtoo godhe achitti sitit ni himama' anaan jedhe. [11]Calaqqisa ifichaa irraa kan ka'es iji koo arguu dhabnaan, warri anaa wajjin jiran harka qabanii mandara Damaasqootti na galchan.**

**22:6 "Waareetti"** Kun gadi fageenyaan ibsuuf wanta dabalameedha (9:3 irra hin jiru)

**22:7** Kun irra deebii (9:4) irra yaada jiruuti.

**22:8**
**NASB, NJB** **"Yesuus Naaziricha"**
**NKJV, NRSV**
**TEV** **"Yesuus nama Naazireet"**

Phaawuloos dhuga ba'umsa ofii isaatii HoE 9;1-31; 26:4-18, keessatti yeroo sadii dhuga ba'eera, garuu akkaataa kanaan kan inni dhugaa ba'e iddoo kanaa fi 26:9 irratti qofa. Salphaatti, kun "Yesuus Naaziricha" jechuudha. Kun 24:6, keessatti jecha goolii yommuu ta'u, Matt. 2:23 irratti garuu jecha raajiiti. Kun teessuma ji'oogiraafii kan agarsiisu utuu hin ta'in, kan muudama Masihii ta'uu, isa "dameee" (cf. Isa. 11:1; 53:1) jecha Hibraayisxii *nēser* (cf. Erm. 23:5; 33:15; Zak. 3:8; 6:12) irraa fudhatame kan ibsudha jechuunni danda'ama, mata duree addaa 2:22 irraa ilaali.

▣ **"kan ati ari'achaa jirtu"** Guutummaa isaa 9:4 irraa ilaali

**22:9 "sagalee isaa anatti dubbachaa ture garuu hin dhageenye"** (hin hubanne) Waa'ee amanuu Phaawuloos kan 9:7 irra jiruu fi 22:9 irra jiru gidduu wal-mormiin hin jiru. Seerlugni Giriikii akka ibsutti, isaan sagalicha dhaga'aniiru, garuu jechoota isaa hin huanne. Ibsa guutuudhaaf 9:7 ilaali.

**22:10 "akka ati gootuuf waan Waaqayyo murtoo godhe, achitti sitti ni himama"** Kun gocha raawwatame agarsiisa. Kun immo jecha Yesuus Anaaniyaasiin jedhe agarsiisa (9:15-16 keessatti). Phaawuloos ergama

baay'ee murtaa'aa fi cimaa ta'e, kan galmaan ga'uu qabu qaba ture. Mul'annii fi ergamni Phaawuloos karaa baay'eedhaan kan raajota Kakuu Moofaa hordofa (cf. Isa. 6; Erm. 1; Hisq. 2-3).

**22:11** Kun "qoraattii foon keessaa" Phaawuloosiif sababa natti fakkaata. Yaad-rimmeewwan waa'ee qoraattii foon keessaa Phaawuloos muraasni kanneen armaan gadiiti.

1. Abboonni waldaa durii, Luutarii fi Kalviin, kun rakkoo hafuuraa namummaa isaa isa kufeeti (kunis, "foon keessaa") jedhu.
2. Kiraayisoostom (Chrysostom), kun rakkoo namoonni qaban ture jedha, (cf. Lakk. 33:55; Abb. 2:3)
3. Kaan immoo Gaggabdoo ture jedhu.
4. Wiiliyaam Raamseen immoo, kun busaa ture jedha.
5. Akka ani yaadutti, kun oftaalmiyaadha. Kun immoo dhukkuba ijaa beekamaa (Gal. 4:13-15 fi 6:11) wajjin madaali) yommuu ta'u, karaa Damaasqoo irratti jalqaba jaamuu isaatiinkan itti ka'e yookiin kan itti cimedha (cf. HoE 9, Kakuu Moofaa keessaa Iyyaasuu. 23:13 kan agarsiisu ta'uu danda'a).

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 22:12-16**
**[12]Namichi, Waaqayyoof buluu isaa seerri dhugaa ba'eef, Yihudoota Damaasqoo jiran hundumaa birattis maqaa gaarii kan qabu tokko achi ture; maqaan isaan Anaaniyaas jedhama. [13]Inni gara koo dhufee, na bukkees dhaabate, 'obboleessa koo Saa'ol, agartuun kee siif haa deebi'u!' anaan jedhe; achumaanis agartuun koo anaaf deebi'e, isas nan arge. [14]Anaaniyaas yommus, siif ta'uu akka beektuuf, isa qajeelaa tokkicha isaa argitee, sagalee isaas akka dhageessuuf, si qo'ateera. [15]Waan argatee fi waan dhageesse hundumaa namoota hundmaatti ni himata, isaafis dhuga baatuu ni taata. [16]Ammas maaliif lafa irra harkifta ree? Ka'ii, maqaa gooftaa waammadhuu cuuphami! Cubbuu kees of irraa dhiqsiisi! Anana jedhe.**

**22:12** Kun 9:10 caalaatti waa'ee Anaaniyaasiif ibsa guutuu kenna. Inni nama aangoo lubummaa hinqabne, akkuma Phaawuloos, seera Musee eeguutti kan dhimmu ture. Kun Farisoota keessaa tokko ta'uu isaa kan agarsiisu ta'uu danda'a. Luqaas, Simo'ooniin isa Yesuusiin mucummaa isaatti mana qulqullummaatti arges (cf. Luq. 2:25) akkasumatti hala wal fakkaataadhaan ibse. Luqaas, Yihudoota warra gaafa Pheenxeqoosxee isa hafuurri humna itti bu'ee sana (cf. HoE 2:5) gara Yeruusaalem dhufan ibsuudhaafis itti fayyadameeera. Luqaas yeroo sadaffaadhaaf, namoota warra Isxifaanosiin awwaalan (cf. HoE 8:2) ibsuudhaaf itti fayyadamee. Kanaafuu, jechi kun, hamma inni nama amantii Yihudootaa cimsee hordofu ta'etti, nama Kiristoositti amanuu wal-hin qabatu. Inni 9:10 keessatti "duuka buutuu" waan jedhameef, amanaa ta'eera jechuudha. Garuu, inni kirisityaana haata'u malee, amma iyyuu hawaasa Yihudootaa warra Damaasqoo jiraniif kabaja qaba.

**22:13** Ananaiyaas Phaawuloositti ergamuun isaa (tajaajiluu isaa), Kakuu Haaraa keessatti lubootaa fi (gartuu addaa) amantoota warra kaan gidduu hiramni ifa ta'e akkahin jirre nutti agarsiisa. Jechoonni Yesuus kan isaan aboo isaaf kennan, akka inni:

1. Harka isaa Phaawuloos irra kaa'ee (cf. 9:10) akka inni fayyuuf abboomu (ajaja, lakk 13)
2. Tajaajila Phaawuloosiif fedha Yesuus qabu, akka ibsuufiif (Lakk. 15).
3. Phaawuloos akka cuuphamuuf itti himuuf (Amantiin Yihudootaa warra nama amansiisa irraa kana waan barbaraduuf, Phaawuloos ofii isaa cuupheera ta'a, ajaja gidduu lakk. 16).
4. Phaawuloos Hafuuraan guutamuu isaatiif meeshaa akka ta'uuf (cf. 9:17).

Laphee Anaaniyaas, yommuu inni nama nama ajjeessuuf nama ari'atu kanaan (cf. 9:13-14) "obboleessa koo, Saa'ol" jedhu arguu ni dandeessa.

**22:14 "Waaqayyo gooftaan abarabilii keenyaa"** Gaaluun kun Waaqa irratti Yihudootaa waaqeessan ibsuuf fayyadedha. Phaawuloos, YHWH'n kara ailma isaa Yesuus, isatti mul'atee is erguu isaa ibsuu barbarade. Phaawuloos Waaqa isa kan amantii Yihudootaa irraan kan hafee Waaqa kan biraa kamiin iyyuu hin waamamne!

▣ **"waan gochuun siif ta'u akka beektuuf"** (fedha isaa akka beektuuf) fedhii Waaqayyoo inni jalqabara, namoonni akka Yesuusiin beekanidha (cf. 6:29,40). Fedhii Waaqayyo Phaawuloosiif qabu iinni itti aanee dhufu immoo akka inni ergamaa ta'ee Omroota tajaajiluudha (cf. 9:15; 22:15; 26:16).

▣ **"isa qajeelaa tokkicha isaa argitee"** Kun aankii Masihummaati (cf. Far. 45:72; HoE 3:14 7:52; 1Yoh. 2:1). Phaawuloos Yesuusiin isa ulfeeffame arguudhaan mirga addaa argettera (akkuma Isxifaanos, cf. 7:55-56). Mata duree addaa: Quqlullummaa jedhu 3:14 irraa ilaali.

▣ **"sagalee isaan akka dhageessuuf"** Kun sagalee Waaqa irraa dhufe isa Lakk. 8 keessatti ibsame kan agarsiisu fakkaachuu danda'a, garuu akkasumas caalaatti lakk. 17-21 garsiisuu danda'a. Akkasumas mul'atoota addaa baraby'ee, kan Phaawuloos tajaajila isaa keessatti argaa ture kan agarsiisu ta'uu danda'a. Tarreeffama lakkoofsota 17-21 irra jiru ilaali.

Miliyaasii kaasee hamma Yohaannis cuuphaatti raajiin Isiraa'el keessaa dhibuun isaa nama ajaa'iba. Yeroo kanatti Yihudoonni Waaqayyo dhimma tokko mirkaneessuuf Waaqarraa dubbata jedhanii amanu (*Bath Kol*). YHWN'n yeroo inni cuuphamee fi (cf. Luq. 9:35), yeroo inni jijjiiramee ulfina isaa mul'isetti (cf. Matt. 17:5) ilma isaatiif dhugaa ba'uudhaaf, karaa Yihudoonni itti amanan kan fayyadamee, Yesuus Phaawuloositti mul'achuun isaa fi keessumaa immoo sagaleen Isaa, kaayyoodhuma kana galmaan ga'uuf ta'uu danda'a (kunis, YHWH ta'uu isaa Phaawuloosiif mirkaneessuudhaaf).

**22:15 "namoota hundumaatti, dhuga baratuu ni taata**" Kun dhugaa dinqii, wangeelli Yesuus Kiristoos nama **hundumaaf** ta'uu isaa mul'isuudha (cf. Yoh. 3:16; 1Xim. 2:4; 4:10; Tiitoo 2:11; 2Phex. 3:9; 1Yoh. 2:2). Hubadhu, hundi hin fudhatu, hundis sirritti dhaga'uu dhiisuu danda'a, garuu jaalala Waaqayyoo keessattii fi aarfamuu Yesuus keessatti, lallaba Phaawuloos keessattis hundumtuu qooda qaba! Kun dhugaa jiru, isa tuutni kun fudhachuu didanidha (cf. Lakk 22).

Phaawuloos jecha "warra saba Waaqayyoo hin ta'in" jedhu, isa anaaniyaas Yesuus irraa dhaga'ee isatti hime beekaa fayyadamuu dhiise (cf. 9:15). Phaawuloos, jechi qeeqaa go'im (saboota yookiin Ormoota) jedhu kun, Yihudoota ijibbarachisoo kana biratti hamman goolii kaasuu akka danda'u beekee ture. Loogiin sanyummaa isaan qaban Raajota Kakuu Moofaa iyyuu waa'ee raajii isaanii irraa kan ka'e miidheera!

▣ **"waan argitee fi waan dhageesse"** Jechoonni kun gocha yeroo darbe keessaa xumurame agarsiisu. Maaliif akki isaan enna gargaaraa ta'an sirriitti hin beekamu. Jechoonni kun wal fakkatu. Phaawuloos waan isa irratti ta'e kana bara jireenyaa isaatii sammuutti qabachuuf jira. Inni hojii ergamootaa keessatti, waan isa irratti t'ae kan ayeroo sadii kaaseera. Tarii mana sagadaa dhaqu hundumaatti waa'ee ofii isaatii dhugaa ni ba'a ta'a.

**22:16 "cuuphamee! Cubbuu kees of irraa dhiiqsiisi"** Jechoonni kun lamaanuu jechoota ajajaati. Kun seera of qulleessuu isa Kakuu Moofaa keessa jiru kan agarsiisuudha (cf. Lew. 11:25, 28:40; 13:6,34,56; 14:8-9; 15:5-13,21-22,27; 16:26,28; 17:15-16; Lakk. 8:7,21; 19:19; Kess. 23:11). Asitti Kiristoos keessatti hafuuraan qulqullaa'uu keenyaaf mallattoo ta'ee fayyada (cf. 1Qor. 6:11; Efe. 5:26; Tito. 3:5; Hib. 10:22). Cuuphaan waldaa durii keessatti, taatee Amantii Hawaasa keessatti raawwatamu ture. Ibsa ti'ooloojii guutuu ta'eef 2:38 ilaali.

Jechi inni gidduu cuuphaa (ajaja) fi qullaa'u (ajaja) akka inni agarsiisu hubadhu. Phaawuloos, cubbuu isaa of irraa dhiquu hin danda'u, garuu of cuuphuu ni danda'a (shaakala Yihudoonni warra amantii barsiisaniif qaban). Yeroo baay'ee keessa lixuun, Kakuu Haaraa keessatti, araa cuuphaa isa tokkicha jedhama (cf. 6 fi Qol. 2), garuu asitti cuuphaa dhiqachuudhaan wal qabatee jira (cf. 2:38; 1Qor. 6:11; Efe. 5:26; Tito. 3:5; Hib. 10:22). Akka Ti'ooloojiitti, 1Phex. 3:21 irratti cuuphaan mallattoo malee kan ittiin xurii irraa qullaa'an akka hint aane agarsiisa.

Namoonni hiikaa laatan warri bara ammaa,jechoota gidduu fi jechoota gochi irratti raawwatamuu agarsiisu ta'uudhaan walitti dabalamaniiru. 9:18 irratti Phaawuloos cuuphamuu (gochii irratti kan raawwatame) isaa dubbata. Dhimmi murteessaan, Phaawuloos akkamitti cuuphame kan jedhu utuu hin ta'in, cuuphamuu isaati!

▣ **"Maqaa gooftaa waammadhuu"** "maqaa" kanjedhu kun foormulaa hin beekamne utuu hin ta'in, ummata fuulduratti kan Yesuus ta'uu ofii fi walitti dhufeenya dhiuunfaa Isaa wajjin qabachuu ofii (xumura akka ajajaatti fayyade) kan agarsiisudha, kunimmoo haala jireenya kiristiyaanaa hordofuu nama gaafata. Foormulaan cuuphaa

waldoota durii, akka namni cuuphamu sun afaaniin jedhutti "Yesuus Gooftaadha" kan jedhudha (cf. Rom. 10:9-13; 1Qor. 1:2; 2Xim. 2:22). Wanti murteessaan jecha jedhamu sana utuu hin ta'in (xurii irraa qullaa'uu), laphee nama cuuphamu sanatti (amanuu, fudhachuu) 2:38 ilaali.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 22:17-21**

**[17]"Yeruusaalemitti ergan deebi'ee, mana qulqullummaa keessatti kadhatatti utuu ani jiruu, of wallaalee mul'ata nan arge. [18]Isa keessatti gooftaa argee, 'warri mandara kanaa isa ati waa'ee kootiif dhugaa baatu hin fudhatanii, ariifadhuutii Yeruusaalemii ba'e! Utuu inni anaan jedhuu nan dhaga'e. [19]Ani immoo, 'yaa gooftaa akka ani mana sagadaa hundumaa keessatti, warra sitti amanan hiisisaa, reebsiisaas ture isaanumtuu ni beeku. [20]Yeroo dhiigni dhuga baatuu kee Isxifanos dhangalaafames, ajjeefamuu isaatti walii galee, achi dhaabadhee uffata warra isa ajjeesee nan eegan ture' jedheetan itti dubbadhe. [21]Gooftaan yommus, 'Adeemi ani fagootti, warra saba koo hin ta'initti sin erga' anaan jedhe" jedhee isaanitti hime.**

**22:17-21** Kun fakkeenya biraa, mul'atoota addaa Phaawuloos argeeti (cf. 18:9-10; 23:11; 27:23-24). Haala galumsa kanaatiin raajii isa Lakk. 14 irra jiruun wal sima.

**22:17 "Yeruusaalemitti ergan deebi'ee"** Dhuga ba'umsa Phaawulos kan iddoo kanaa fi kan boqonnaa 9 irra jiru yommuu ilaallu, akkuma amaneen Yeruusaalemitti deebi'uu isaa kan agarsiisu fakkaata, garuu Gal. 1:11-24 irratti Phaawuloos utuu hin deebi'in yeroo dheeraa (hamma waggoota sadi'ii kan ta'u) turuu isaa mul'isa.

▣ **"of wallaalee"** Barreeffama 10:10 irra jiru ilaali.

**22:18** Yesuus jechoota ajajaa lama Phaawuloositti dubbate: "ariifadhuutii" fi "ba'I", akeekkachiisa Yesuus Phaawuloosiif kenne kana, mare Yihudoonni kun Phaawuloosiin ajjeessuuf mari'atan, isa 9:29 keessatti ibsame irratti ni argina.

**22:19 "Gooftaa"** akka seerlugaatti, kun kan inni agarsiisu, "gooftaa abarabilii keenyaa" (lakk. 14) yookiin "isa qajeelaa tokkicha isaa" (Lakk. 14) ta'uu danda'a. Tuutni Yihudootaa achi turan sun YHWH hubataniiru ta'a, garuu amanaan tokko illee Yesuusiin hin hubanne ta'a. Wantoota Kakuu MMoofaa keessaa fudhataman, kan Kakuu Haaraa keessatti Yesuusiin ibsuuf fayyadan irratti jijjiirraan kun waan barmedha. Kun "triune monotheism" wajjinkan wal dhahedha.

▣ **"akka ani…hiisisaa, reebsiisaas ture"** Kun gocha yeroo darbe keessa walitti fufee raawwachaa ture agarsiisa. Guutummaa isaaf 22:4 ilaali.

▣ **"warreen sitti amanan"** Mata duree addaa 2:42 fi 3:16 ilaali.

**22:20** Barreeffama 7:58-59 fi 8:1 irra jiru ilaali. Phaawulos hojii hamaa duraan hojjechaa ture himoota sadi'iin ibse.

1. Tuuta sanaa wajjin achi dhaabachaa ture.
2. Inni dhagaadhaan rukutanii ajeesuutti walii galee ture.
3. Inni warra Isxifaanosiin tumaa turaniif uffata isaanii eegaa ture.

Lallabnii fi du'uun Isxfaanoos, Phaawuloos irraan dhiibara guddaa ga'eera.

▣ **"dibuu"** Mata duree addaa dhangalaasuu isa jedhu ilaali.

**22:21 "ani fagootti, warra saba koo hin ta'initti sin erga"** Kun ifatti kan inni agarsiisu, deemsota Phaawuloos, tajaajila wangeelaatiif deemee fi akkasumas, aangawota mootummaa Roomaa warra Phalestiinaa fi akkasumas Roomaatti Qeesaa fuulduratti (cf. 23:11) dhugaa ba'uu isaati.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 22:22-29**

**[22]Namoonni hamma inni dubbii kana irra ga'utti, Phaawuloosiin dhaggeeffachaa turan; isa booddee garuu sagalee isaanii guddisanii, "Nama akkasii lafa irraa balleessuun ni ta'a, inni jiraachuun hin ta'uuf" jedhan. [23]Isaan yeroo sana ni caraanu, wayyaa isaanii ni daddarbatu, awwaaras gara Waaqaatti ni bittimsu turan. [24]Angafichi kumaa, Phaawuloosiin lafa buufata loltuutti geessanii, Warri Yihudootaa sababii akkas isatti caaraananiif baasuudhaaf, qacceedhaan reebanii akka isa qoran abboome. [25]Yeroo isa reebuudhaaf eephaan hidhanitti Phaawuloos angafa dhibbaa isa achi dhaabatuun, "Nama Roomaa tokko firdiinis kan itti hin fardaamin reebuun seeraa ree?" jedhe. [26]Angafni dhibbaa sun kana yommuu dhaga'e, gara angaficha kumaa dhaqee, "Maal godhuuf jetta? Namichi kunoo nama Roomaati!" ittiin jedhe. [27]Kanaafis angafni kumaa sun gara isaa dhaqee, Phaawuloosiin, "Anatti himi, ati dhuguma nama Roomaatii?" ittiin jennaan, inni immoo deebisee, "Eeyyee" jedhe. [28]Angafichi kumaa sun dabalee, "Nama Roomaatti lakkaa'amuu koo kana ani horii dheeraadhaan nan bitadhe" jedhe. [29]Yommuus warri isa qoruudhaaf turan achumaan isa irraa deebi'an; anagafni kumaa sun Phaawuloos nama Roomaa ta'uu isaa erga hubatee, waan isa hiisiseef ni sodaaate.**

**22:22** Loogii amantii fi sanyii, isaan qabantu mul'ate. Sanyiin namaa hundumtuu dhiibbara aadaa fi seenaa jala jira.

**22:23**
**NASB** **"wayyaa isaanii ni darbatu"**
**NKJV** **"wayyaa isaanii ni tarsaasu"**
**NRSV** **"sabbata isaanii ni darbatu"**
**TEV** **"uffata isaanii of irraa ni fuudhu"**
**NJB** **"sabbata isaanii ni naannessu"**

Wayyaa tarsaasuunii fi naanneessuun, yookiin gara Waaqaatti darbachuun, Kakuu Moofaa keessatti mallattoo ittiin haarii yookiin mormii nama Waaqayyoon hin kabajne irratti qaban ittiin ibsatanidha (*Greek, English Lexicon*, Lours and Nida, hidha. 1, fuula 213, cf. 14:14).

▣ **"awwaaras gara Waaqaatti ni bittimsu"** Dhagaan achii dhibuu isaatiif, Phaawuloos carra-qabeessa ture. Awwaara bataa ofii irratti naquun mallattoo gaddaati (cf. Iya. 7:6; 1Sam. 4:12; 2Sam. 1:2; Iyo. 21:12), iddoo kanatti amantiin kabaja dhabuu isaatti gadduu (aaruu) dha (cf. Isa. 47; Faaruu. Erm. 2; Miki. 1:10).

**22:24 "angafichi"** Kun akkuma jechi angafa dhibbara (*centurion*) (cf. Lakk. 25,26) jedhu geggeessaa 100 agarsiisu, jechi kun immoo jecha Angafa kumaa (*chliarch*) (cf. Lakk. 27-29) jedhu kan geggeessaa kumaa agarsiisudha. Garuu, lakkoofsonni kun birqaba. Inni ittigaafatamaa kutataa waraana Roomaa warra Yeruusaalem jiranii ture.

▣ **"lafa Keyyata loltuutti geessanii"** kun masaraa Antooniyaa, isa naannoo manaqlummaatiin wal-qabatee fuulleetti argamu, kan agarsiisudha. Kun kan ijaarame yeroo Pershiyaatti bara Naahimiyaa (cf. Neh. 2:8; 7:2) keessa ture. Heroodis guddichatu Maark Antoonii booda maqaa itti moggaase. Yeroo ayyaanaatti baray'inni ummata Yeruusaalem, isa durii caalaatti harka sadi'iin guddata. Warri Roomaa dhimma nageenyaatiif jecha, loltoota lakkoofsaan hedduu ta'an Qisaariyaa irraa gara masaraa Antooniyaatti ergan.

▣ **"qacceedhaan reebanii akka isa qoran"** Kun "odeeffannoo isa harkaa barasuu" agarsiisa. Qacceedhaan nama reebuun bifa adabbii baay'ee ulfaataa ta'edha. Sababa kanaan baay'een du'aniiru, kun isa warri Yihudootaa nama garafan yookiin isa warri Roomaa fuunyoodhaan nama tuman caalaa ulfaataadha. Gogaa fiixeen isaa sibiila, dhagaa yookiin lafee wajjin fo'ameen warra hidhamtoota reebu turan (alangaa).

**22:25 “teephaan hidhanitti”** Yeroo baay’ee warri akkasitti garafaman dudduubatti dacha’anii akka hidhaman godhama.

▣ **“seeraa ree”** Loltoonni Roomaa kun seeruma ofii isaanii iyyuu karaa baay’eedhaan diiguuf jedhu; (1) namni Roomaa hidhamuu hin qabu (cf. 21:33 fi 22:29); (2) namni Roomaa reebamuu hin qabu (cf. Livy, *History* 10:9:4; *Cicero, Pro Rabirō* 4:12-13); fi (3) Phaawuloos qoratamee, yakkamaa ta’uu isaa hin mirkanaa’in jira (cf. 16:37).

**22:27 “ati dhuguma nama Roomaatii”** “ati” kan jedhu xiyyeeffannaa addaa qaba. Aangawaan Roomaa kun Phaawuloos nama ta’uu isaa amanuu hin dandeenye.

**22:28 “nama Roomaatti lakkaa’amuu koo kana ani horii dheeraadhaan nan bitadheem”** Nama Roomaa ta’uudhaaf karaa sadiitu ture (1) dhalootaan; (20 biyyichaaf tajaajila addaa yoo kennan; fi (3) Bitachuu (Ci. Cassius, Rom. Hist. 60; 17:5-6). Maqaan loltuu kanaa, bara Kilaawidiyoositti lammummaa Roomaa bitachuu isaa fi nama Giriikii turuu isaa (Kilaawiyos Laayisiis, cf. 23:26) agarsiisa. Haadha manaan Waawudiyoos, Messaliin, yeroo baay’ee lammummaa Roomaa horii guddaatti gurgurti turte.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA’AA) 22:30**
[30]**Borumtaas angafichi kumaa, warri Yihudootaa sababii malatiif Phaawuloosiin akka hadheessan dhugaa isaa baruu barbaade; kanaaf luboonni warri angafoonnii fi maanguddoonni warri biyya seerratan hundinu akka walitti yaa’aniif ajaje. Phaawuloos irraa funcaa hiiksisee, geessee isaan dura isa dhaabachiise.**

**22:30 “kanaaf luboonni warri angafoonnii fi maanguddoonni warri biyya seerratan hundinuu akka walitti yaa’anif ajaje”** Kun aangoo nama Roomaa kanaa agarsisa. Luboonni warri angafoonni fi maanguddoonn warri biyya seerratan akka walitti yaa’aniif kan isaan dirqisiifaman, tarii masaraa Antooniyoo keessatti ta’a. Kun wal ga’ii seera qabeessa hin taane fakkaata.

## GAAFFILEE MARII

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon tokkoo keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Quqlulluun, akkasumas Hafuurri Qulqulluun hiika laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan akka ati dhimmoota gurguddoo kutaa macaafa kana keessatti ibdaman keessa deebitee yaaduuf si gargaarufidha. Gaaffileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Phaawuloos tuuta kana fuulduratti falmachuu iyyuu maaliif barbarade?
2. Luqaas maaliif waa’ee dhuga ba’umsa Phaawuloos, isa karaa Damaasqoo irratti amanuu isaa ibsu yeroo sadii barreesse.
3. Haalli itti hafuurichi Ananaiyaatti fayyadamee, ergamaa isatti aanu akka inni hin taane akkamitti agarsiisa?
4. Mul’atoota Addaa Phaawuloos arge tarreessi. Ta’iin gurguddaan akkasii maaliif isa barbarachise?
5. Falmanni Phaawuloos mana qulqullummaa keessatti tuuta kana fuulduratti falmate karoora Waaqayyootiin akkamitti wal sima?

# HOJII ERGAMOOTAA 23

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| YBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Phaawuloos yaa'ii duratti" | Fariisonnii fi Saaduqonni wal hiiruu isnaanii | Phaawuloos angafa lubootaa fulduratti | Phaawuloos yaa'iichu fulduratti | Angafoota lubootaa fuldura dhaabachuu isaa |
| 23:30-23:5 | 22:30-23:10 | (22:30-23:10)<br>22:30-23:5 | (22:30-23:11) | (22:30-23:11) |
| | | | 23:1-3 | 23:1-5 |
| | | | 23:4 | |
| | | | 23:5 | |
| 23:6-10 | | 23:6-10 | 23:6 | 23:6-10 |
| | | | 23:7-9 | |
| | Maree Phaawuloos irratti mari'aame | Phaawuloos Qiisaariyaatti ergamuu isaa | 23:10 | |
| 23:11 | 23:11-22 | 23:11 | 23:11 | 23:11 |
| Maree jireenya Phaawuloos irratti mari'atame | | | Mare jireenya Phaawuloos irratti mari'atame | Warra Yihudootaa Phaawuloos irratti korachuu isaanii |
| 23:12-22 | | 23:12-15 | 23:12-15 | 23:12-15 |
| | | 23:16-22 | 23:16-18 | 23:16-22 |
| | | | 23:19 | |
| | | | 23:20-21 | |
| | | | 23:22 | |
| Phaawuloos Feeliksi abbaa biyyaatti ergamuu isaa | Feeliksitti ergamuu isaa | | Phaawulos Feeliksi abbaa biyyaatti ergamuu isaa | Phaawuloos Qiisaariyaatti dabarfamu isaa |
| 23:23-30 | 23:23-35 | 23:23-25 | 23:23-25 | 23:23-25 |
| 23:31-35 | | 23:26-30 | 23:26-30 | 23:26-30 |
| | | 23:31-35 | 23:31-35 | 23:31-35 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A guide to good Bible reading" fuula vii irraa)**
*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. kkk

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 23:1-5**
**1Phaawuloos ijja warra yaa'ii keessa ilaalee, "Jareenn obboloota nana! Ani hamma guyyaa har'aatti**
**garaan koo utuu ana hin ceepha'in fuula Waaqayyoo dura jriaadheera" jedhe. 2Kana irratti Anaaniyaas**
**angafichi lubootaa warra Phaawuloositti dhiyoo jiraniin, "Afaan isaa rukutaa!" jedhee ajaje.**
**3Phaawuloos yemmuus deebiseefii, "Waaqayyo si rukutuuf ira, ati 'alaa gaarii' akka keenyaan nooraa dibamaa nana. Akka seeraatti anatti fardauuf achi teessee ofii keetii immoo seera irra darbitee akkanrukutamuuf abboomtaa?" jedheen. 4Kana booddee warri achi dhaabatan Phaawuloosiin, "Angafa lubootaa Waaqayyoo arrabsitaa" jedhan. 5Phaawuloos immoo deebisee, "Obbolota nana! Akka inni angafa lubootaa ta'e ani hin beekne, 'Angafa saba keetti hamaa hin dubbatiin!' kan jedhu caafamee jira" jedheera.**

**23:1**

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"ija keessa ilaalee"** |
| **NKJV** | **"xiyyeeffannaan ilaalee"** |
| **TEV** | **"kallattiin ilaalee"** |
| **NJB** | **"walitti fufiinsaan ilaale"** |

Guutummaa barreeffama isaa 1:10 irraa ilaali. Luqaas dubbii kana yeroo baay'ee dhimma itti ba'a. Asitti Phaawuloosiif fayyadamee. Phaawuloos kana 2Qor. 3:7,13 duwwaa keessatti fayyadama.

▣ **"yaa'ii"** Mata duree addaa ilaali: gurguddootaa fi maanguddoota 4:5 irraa ilaali.

▣ **"obboloota nana!"** Phaawuloos yeroo baay'ee warra Yihudootaatiin "obboloota" jedha (13:26,38; 22:1,5; 23:1,5,6). 13:15 keessatti Yihudoonni Phaawuloosiin obboleessa jedhu. Yeruusaalem jirtu 21:20 keesssaa.

Haata'u malee, Yihudoonni amananis maqaa kanaan waamamu (Ba'u 9:30; 10:23; 11:1,12; 12:17; 15:3,7,13,22). Jechi kun 11:29; 18:27 keesatti "bartootaan" walqabata 16:2,40 keessatti Giriikoota amananiifis ooleera. Kanaaf jechi kun shakkisusaa waan ta'eef barreefamaa fi gartuu murtaa'e tokkoo wajjin walqabsiifamuu qaba.

▣ **"Ani…fuula Waaqayyoo dura jiracheera"** Kun jecha *Politouō* jedhu kan jedhi siyaasa ykn tarsiimoo jedhu irraa argameef ennaa darbe gidduu kan agarsiisudha. Jechi kun yaada lammii (cf. Fil. 1:27) jedhuu wajjinkan gargarudha. Phaawuloos itti gaafatamummaa miseensa warra Yihudaa ta'uu isaatii Waaqayyo fulduratti amanamummaadhaan ba'uu isaa dubbataa jira.

▣

**NASB** **"utuu ana hin ceepha'in"**
**NKJV** **"karaa hunda gaarii gochuu koo beekee"**
**NRSV** **"waa'ee koo sirriitti beekee"**
**TEV** **"ceephoo tokko illee hin qabu"**
**NJB** **"sammuu ceephoo hin qabne"**

Phaawuloos jecha "yaada garaa" jedhu xalayoota warra Qoronxoos keessatti yeroo baay'ee dimma itti ba'a (cf. 4:4; 8:7,10,12; 10:25,27,28,29); 2Qor. 1:12; 4:2; 5:11). Kun safuu keessa ofiitti waan sirrii ta'ee fi hin taane yaaduuti (cf. HoE 23:1). Yaanni garaa keenyaa jireenya keenya yeroodarbee, filannoo doggoraa keenya, ykn hafuura Waaqayyootiin miidhamuu danda'a. Kun geggeessaa gara hin qabne miti, garuu daangaa amantii namaa murteessuu kan danda'udha. Dogoggoras ta'uu dadhabara, yaada garaa keenyaa yakkuun rakkoo amantii guddaadha jechuudha.

Yaanni garaa amantootaa guyyaadhaa guyyaatti sagalee Waaqayyoo fi Hafuura Waaqayyootiin hojjetamuu qaba (cf. 1Xim. 3:9) Waaqayyo amantootatti ifa isaan qabaniin (jechuunis dadhabara ykn cimaa) itti fardaa, garuu hundumti keenya ifa dabalataa argachuu fi Gooftaa Yesuus Kiristoosiin beekuutti guddachuudhaaf wangeelaa fi hafuura Qulqulluudhaaf of kennuu qabna.

▣ **"hamma guyyaa har'aatti…fuula Waaqayyoo dura"** Phaawuloos dubbii kanana walfakkaatu 2Qor. 1:12; 2Xim. 1:3; keessatti dubbateera. Akka hawwe inni ni amana (cf. Rom. 7:23, keessumaa Lakk. 7). Falmiin amantii isaatii Roomaa 1-8 keessa jiru namni hundumti seeraa fi yaada garaa isaa yakkuu isaa irratti kan hundaa'edha (cf. 3:20; 4:15; 5:20).

**23:2 "Anaaniyas angafichi lubootaa"** Maqaa isaa Ibiraayisxiidhaan Hananiha ta'uu danda'a. Kun Ananiyaas isa Luq. 3:2, Yoh. 18:13 ykn HoE 4:7tiin tokko miti, garuu isa boodaa (Ananaiyaas, ilma Nedebarus), isa Herodis chalkis isa Dh.K.B 47-59tti mo'een muudameedha.

Barreeffamni Yoseefas waa'ee angafa lubara kanaa waan baay'ee dubbata.

1. Yeroo inni angafa lubara ta'e, "*Antiq*" 10;5:2; "*Wars*" 2.1.6.
2. Yeroo ilmi isaa (Ananaas) dirqamni itti laatamee gara Roomaatti ergame, "*Antiq*" 20.6.2
3. Yeroo inni finciltootaan obboleessa isaa wajjin ajjeefame, "*Wars*" 2.17.9.

Yosefas yeroo baay'ee taateewwan warra Yihudootaa fi namoota Phalestiinaa jiraataa turaniif madda durii yeroo sanaa isa kophaadha.

▣ **"Afaan isaa rukutaa"** Kun mallattoo barichaati (cf. Yoh. 18:22).

**23:3 "Waaqayyo si rukutuuf jira"** Kun gadii gafeenyaan Yoseefas keessatti barreeffameera, "Wars" 2.17.9.

▣ "akka keenya nooraa" Phaawuloos mala jechaa akka ture sirriitti hin beekamu. (1) Yihudoonni fakkeenya kana of tulummaa agarsiisuuf dhimma itti ba'u (cf. Mat. 23:27) ykn (2) karaa naannawaa Hisq. 13:1-15 kan agarsiisu ta'uu danda'a.

▣ **"seera irra derbitee"** Kun karaa naannawaa Lew. 19;15 kan agarsiisu ta'uu danda'a. Yoh. 7;51 dabalii ilaali.

**23:5 "obbolootа nana! Akka inni angafa lubootaa ta'e ani hin beekne"** Yaadrimeen beekuu dhiisuu Phaawuloos (1) sirriitti arguu dadhabuu; (2) Phaawuloos yeroo dheeraadhaaf Yeruusaalemii deemee waan tureef

isa beekuu dhisuu; (3) uffata ittiin beekamu waan hin uffanneef isa hubachuu dhiisuu; (4) eenyu akka dubbate beekuu dhiisuu; ykn (5) hojiin isaa sirrii ta'uu dhiisuu (jechuuns ciigoo) isaa ta'uu danda'a.

▣ **"caafamee jira"** Phaawuloos (jechuunis-ciigoo) isaa ta'uu danda'a. Kana beekuu fi kabaju agarsiisa.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 23:6-10**

**6Phaawuloos yommuus warra achi turan keessaa gar tokko saaduqoota gar kaan immoo Fariisota ta'uu isaani hubannaan, yaa'ii sanaa keessatti sagalee saa ol fudhatee, "Jarreen obboloota nana, an Fariisota keessa tokko, sanyii Fariisotaatis; sababi adii nuuf kennameef, sababii ka'uu warra du'anitiif yaa'ii duratti gaafatamaan jira" jedhee dubbate. 7Akkuma ini kana dubbateen warra Fariisotaa fi warra saduqootaa gidduutti gooliin ka'e, ya'ichi gargar hirame. 8Warri saduqootaa, du'aa ka'uun hin jiru, ergamoonni Waaqayyoo, hafuuroonnis hin jiran jedhu: Warri Fariisotaa garuu kun hundinuu jira jedhe. 9Warri guddaanis ka'e; kutata warra Fariisotaa keessaa wari seera barsiisan tokko dhaabatanii, "Nuyi nama kana irratti balleessaa hin argine, tarii hafuurri yookiis ergamaan Waaqayyoo itti dubbateera ta'e" jedhanii falman. 10Wal gooluuniis baay'inaan angafichi kumaa, jarri kun Phaawuloosin ni caccabsu jedhee soaate. Kanaaf loltoonni, dhaqanii Phaawuloosin yaa'ii sana gidduudhaa baasanii, iddo buufata loltuutti akka geessan abboome.**

**23:6 "hubannaan"** Phaawuloos anafoota lubara saduqootaa kana irraa dhageettii haqa qabu akka hin arganne hubatee ta'uu danda'a.

▣ **"Sadaqoota"** Mata duree addaa 4:1 irraa ilaali.

▣ **"Fariisota"** Phaawuloos Farsiisota keessaa tokko ture (cf. 26:5; Fil. 3:5-6). Mata duree addaa 15:5 irraa ilaali.

▣ **"sababii abdii nuuf kennameef, sababii ka'uu warra du'anitiif yaa'ii duratti gaafatamaan jira"** Phaawuloos dhimma amantii Saduqoonni fi Fariisonni irratti walii hin galle kaase. Saaduqoonni jireenya du'a booddee hin fudhatan, Fariisonni garuu ni fudhatu (cf. Iyo. 14:14; 19:23-27; Dan. 12:2). Kun gartuu yaa'ichaa lamina wal dhabsiise (cf. Lakk. 7-10).

**23:7 "yaa'ichis gargara hirame"** Hiiki bu'uuraa dubbii kanaa "adda ba'uu"dha (cf. HoE. 14:4; 23:7). Wal hiruun gartuulee amantii Yihudootaa kun yeroo hundumaa harka lafa jalaan jira ture. Phaawuloos abiddichatti afarse.

**23:8 "ergamoonni Waaqayyoo, hafuuronnis hin jiran"** Gaaleen kun jiraachuu hafuura tokko moo lamaa agarsiisa? Maddi lamaan isaanii iyyuu karaa Macaafa Qulqulluu shakkisiisaadha, garuu Ibi. 1:5,13 fi 14 isaan tokko akka ta'an agarsiisa.

Wanti saduqoonni morman lama ta'uu hafuura gaarii fi hamaati (zorastrian dualism). Fariisonni yaada Kakuu haaraa akka lama jedhanii amanuu warra Pershiyaatti, irras darbanii irraa jala ergamootaa fi hafuurootaa (tokko tokkoo isaaniif geggeessitoota torba) barasanii ibsaniiru.

**23:9 "warri seera barsiisan"** Warri kun ogeessota seera hin barreeffaminii (Talmud) fi seera barreeffamanii (Kakuu Moofaa) lamaanuu kan turanidha. Baay'een isaanii Fariisota.

▣ **"Nama kana"** Fayyadamni gaalee maqaa kanaa haala galumsa isaatti gaalee alta'a akka hin taane agarsiisa.

▣ **"itti dubbateera ta'a"** Barsiisonni seeraa kun akka Phaawuloos hafuuraan waan isaan hin beekne took akka arge dubbataa turan. Atattamaa fi humnaan Phaawuloosiif falmuun isaanii hammam akka isaan gartuu ofiitiif loogan agarsiisa. Mul'inatti isaan kun Farisicha amantii isaanii mormee jedhame kana caalaa Saaduqoota jibbu.

Kun caasaa seerulgaa hin xumuramne waan ta'eef. "Textus Receptus" Barreeffamoota Giriikii durii H.L. fi P hordofuudhaan "Waaqayyoon akka wal hin lolle" kan jedhu itti dabala, kunis HoE 5:35 irraa fudhatame.

**23:10 "loltonni dhaqanii Phaawuloosiin yaa'ii sana gidduudhaa barasanii"** Mootummaan warra Roomaa amma yeroo lammaffaaf Yeruusaalem keessatti lubbuun Phaawuloos ba'uu oolche. Phaawuloos mootummaa akka ministira Waaqayyootti ilaaluun isaa nama hin ajaa'ibsiisu (cf. Rom. 13). Kun isa 2Tas. Keessatti "kan gufuu ta'u" jedhuun walqabachuu danda'a.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 23:11**
**[11]Gooftichi *gaafasuma* halkan Phaawuloositti dhiyaatee, "Laphee jabaadhu! Yeruusaalemitti akkuma anaaf dhugaa baate akkasuma mandara Roomaattis anaaf dhugaa ba'uun siif ni ta'a" jedheen.**

**23:11 "Gooftichi…Phaawuloositti dhiyaatee"** Kun mul'ata biraa Phaawuloosiin jajjabeessudha (cf. 18:9-10; 27:17-19; 27:23-24). Phaawuloos nama jajjabina dhabuu fi shakkiin itti hin dhaga'amne miti.

▣ **"laphee jaaadhu!"** Kun ajaja gocha yeroo ammaa kan agarsiisudha. Dubbiin kun barreeffamoota Luqaas keessaa as duwwaatti argama. Kana Phaawuloos Luqaasitti himeera ta'uu qaba. Yesuus dubbii kana yeroo baay'ee dhimma itti ba'a (cf. Mat. 9:2,22; 14:27; Yoh. 16:33).

▣ **"mandara Roomaattis anaaf dhugaa ba'uun siif ni ta'a"** Hidhamuun Phaawulos fuula Qeesaar dura is adhaabuu waan danda'uuf fedha Waaqayyoo ture. Wangeelli Roomaatti lallabamuuf jira (cf. 19:21; 22:21)!

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 23:12-15**
**[12]Lafti yeroo bari'e warri Yihudootaa walitti koratanii, Phaawuloosin hamma ajeesanitti akka waa hin nyaanne hin dhugnes wal kakan. [13]Mala kana kan qopheessan immoo namoota afurtama irra ni caalu turan. [14]Isaan yommus luboota warra angafootaatii fi maanguddoota bira dhaqanii, "Phaawulosiin hama ajjeefnutti akka waa afaaniin hin qabne kakanneera. [15]Kanaafis, egaa akka waan dhimma Phaawuloos caalchiftanii qoruudhaaf, yaa'icha biyya seerratuu wajjin, itti walii galtaniitti angaficha kumaatti beeksisaa! Inni Phaawuloosiin gara keessanitti gad haa fidu, nuyi immoo utuu inni hin dhi'aatin isa ajjeessuudhaaf qophoofnee eegna" jedhaniin.**

**23:12-15** Keeyyatichi Yihudoonni murasni ajjeechaadhaaf kakuu walii galuu isaanii nutti hima. Kun ajjeechaa duraan dursa karoorfame (cf. Lakk. 21) kan akka Yihudoonni Yesuusiif karoorsaniitti.

**23:13 "afurtama irra ni caalu"** Afurtamni warra Yihudootaa biratti yeroo dheeraa, dhumni isaa hin beekamne kan agarsiisudha, garuu asitti namootaaf gargaare, kanaaf kun dhoksaa biraa kan hin qabne ta'uu danda'a.

**23:14 "luboota warra angafootaa fi maanguddoota"** Kun warra gurguddoota kan bakka bu'udha. Mata duree addaa 4:5 irraa ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"nuyi ofii keenya kakuu ulftaataa jala galchineerra"** |
| **NKJV** | **"nuyi ofii keenya kakuu guddaa jala galchineerra"** |
| **NRSV** | **"nuyii ofii keenya cimsinee kakuudhaan qabneerra"** |
| **TEV** | **"nuyi kakuu ulfaataa fudhanneerra"** |
| **NJB** | **"nuyi kakuu ulfaataa gooneerra"** |

Hiikaan afaan Ingilizii gaalee jechama "abararsaan of abararreerra" jedhuun walqabatu hiikuudhaaf yaalii godhameedha. Warri kakuu galan kun Phaawuloosin hin ajjeefne. Isaan hamma du'anitti yoo of balleessan na ajaa'ibsiisa. Garuu ofoolli isaanii karaa ittiin kakuu dhiigaa kana jalaa ba'an hayyamufii danda'a.

**MATA DUREE ADDAA: ABAARSA (ANTHEMA)**

Afaan Ibrootaatti abaarsaaf jechoota hedduutu jiru. 'Herem' jechii jedhu waanta Waaqayyoof kenname waliin itti dhimma bahameera. (LXX akka anateemaatti, Seera Lew. 27:28) walumaagalatti badiisa ibsuuf (Keessa Deeb. 7:26, Iyyaasuu 6:17-18; 17:12). Akka yaada "waraana Qulqulluu" ibsuutti itti dhimma bahameera. Waaqayyo akka warreen kana'aan balleessuu fi Iyyaarikoon ammo isa jalqabaa taatu dubbateera. Firii isa jalqabaa.

Kakuu Haaraa keessatti 'anaateemaa' fi kan isa fakkaatanu bakka hedduutti yaada adda ta'een hojii irra oolaniiru.

1. akka kennaa ykn Waaqayyoof aarsaa dhiyaatutti (Luq. 21:5)
2. akka du'aatti (HoE 23:14)
3. abaarsaa fi kakatti (Marq. 14:71)
4. abaarsaa Yesuusiinitti hidhateen (1Qor. 12:3)
5. nama ta'e tokkoof wwaa kennuu ykn firdiif waa arjoomuu ykn barbadeessuu Waaqayyoo (Rom. 9:3, 2Qor. 16:22, Gal. 1:8-9)

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 23:16:25**

**16Inni obboleetti Phaawuloos garuu, akka jarri riphanii Phaawuloosiin eeggachuuf mari'atan dhaga'ee, dhaqee lafa buufata loltuutti ol lixee, kana Phaawuloositti hime. 17Phaawuloos kanaaf angafoota dhibbaa keessaa tokko ofitti waamee, "Dargaggeessa kana angaficha kumaatti geessi, innoo waan itti himu qaba" jedheen. 18Angafichi dhibbaa kana irratti dargaggeessicha fuudhee, gara angaficha kumaatti geessee, "Phaawuloos inni hidhamana ofitti na waamee dargaggeessa waan sitti imu qabu kana, gara kee akkan fiduuf na kadhate" jedhe. 19Angafichi kumaa dargaggeessicha harka qabatee kophaatti baafatee, "Maa inni, ati anatti himtu?" jedhee isa gaafate. 20Dargaggeessichi immoo, "Yihudoonni akka waan yaa'ichi dhimma Phaawuloos caalchisee qoruu yadeetti, bor Phaawulosin yaa'iitti akka dhi'eessituuf, si gaafachuudhaaf walii galaniiru. 21Ati garuu tole hin jedhiniif. Isaan keessaa namoonni afurtama irra caalan riphanii Phaawulosiin eeggachaa jiru; jarri kun Phaawuloosiin hamma ajjeesanitti waa akka hin nyaanne akka hin dhugnes, cimsanii ofitti qorobaniiru. Ammas tole jechuu kee qophaa'anii eeggatu" jedhee itti hime 22Angafichi kumaa, "Dubbii kana akka anatti himte nama tokkotti illee hin himin" jedhee abboomee, dargaggeessicha gad dhiise. 23Angafichi kumaa yommuus angafoota dhibbaa keessaa lama waamee. "Halkan keessaa sa'aatii sadaffaadhaa jalqabanii loltuun dhibbi laman, abboonni fardeenii torbaatamni, warri eeboo dhibbi lamas Qiisaariyaa dhaquudhaaf akka qophaa'an godhaa! 24Phaawuloosiin irra teessiftanii utuu hin midhamin Feeliks abbaa biyyaa biraan ga'uudhaafis, horii yaabbii qopheessisaaf!" jedheen. 25Ofii isaatii immoo caaffata kanatti fufee jiru caafe.**

**23:16 "Ilmi obboleettii Phaawulos"** Waa'ee maatii Phaawulos gaaffii baay'ee qabna, garuu utuu ifa hin basin cal jedhame. Akkamitti akka inni waa'ee kaaroorichaa beekes in beekamu. Innis Fariisota keessaa tokko ta'uu danda'a.

**23:21** Rukuttaan kun eegdota warra Roomaas ajjeessuu kan dablate ta'uu danda'a!

**23:23** Gartuun loltootaa Phaawulosii wajjin deemuuf ture (1) loltoota lafoo 200, konkolaataan kan lolan 70, warra eeboo 200 ykn (2) warra eeboo 200 fi warra konkolaataa 70; ta'uu danda'a.

▣ **"warra eeboo"** Hiikaan jecha *dexiolabos* jedhuu beekamaa miti. Salphifamee yoo ilaalame "karaa mirgaa lolaaf kan hiriiru" jechuudha (*dexious*). Loltoota hidhannaa baay'ee hin hidhanne agarsiisa (cf. NEB, MS hordofuudhaan, jechuunis eeboo). NJB'n "gargaaraa" jedhee hiika. Karaa mirgaa hidhamtootaa wajjin kan

deemu, ykn kan farda isa lammaffaa qabu ykn kan qinxii irra taa'u agarsiisuu danda'a. Filannoo baay'een namoonni baraa hiikaa isaa sirriitti akka hin beekne agarsiisu.

▣ **"yeroo sadaffaa"** Kun yeroo warra Roomaa ta'uun isaa beekamaadha. Halkanicha lakkaa'uu halkan sa'aatii 6tti jalqaban. Kun halkan keessaa sa'aatii 9tti ta'uu danda'a.

▣ **"Qiisaariyaa"** Kun teessoo humnoota Roomaa Phalestiinaa qabatanii turte.

**23:24 "Feeliks"** Abbaran seenaa warra Roomaa Tasitas (*Histories* 5:9, *Annals* 12:54) Antonias Feeliksiin hamaa fi fedha saalaa guddaa nama qabu jedhee waama. Muudama isaa kana karaa obboleessa isaa, Paalas (lachuu garboota bilisa barafaman turan) isa mooticha Kilaawudiiyoosiif hiriyaa dhiyoo turee argate. Akka bulchaa Phalestinaa kudha tokkoffaatti Dh.K.B 52-59tti hojjete.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 23:26-30**

**[26]Inni immoo, "Ani Kilaawudiiyoos Liisiiyaas, ulfaatoo Feeliksi abbaa biyyaatiif nagaa koo nan dhi'eessa. [27]Warri Yihudootaa nama kana qabatanii ajjeessuuf jedhan; nama Roomaa ta'uu isaa bareen, loltuu fuudhee dhaqee, harka isaanii keessaa baase. [28]Warri Yihudootaa sababii maaliitiif nama kana akka hammeessan, namicha gara yaa'ii isaaniitti isa geesse. [29]Namni kun waa'ee waliin morkii seera isaanii irratti hammeeffame malee, yakka du'aa yookiis hidhadhaan isa ga'u of irraa akka inni hin qabne, qoree bira ga'eera. [30]Yihudoota keessaa jarri tokko namicha kana ajjeesuudhaaf akka mari'atan anatti himameera. Kanaafuu achumaan gara keetti isa erge. Warra ia hammeessanittis, waan isa irraa qaban buula kee duratti akka dhiyeeffataniif itti himeera" kan jedhu ture.**

**23:26-30** Kun xalayaa dhimma Phaawuloos ibsuudhaaf anga'aa dhimichi ilalau barreessedha (cf. 25:12ff). Kunis tartiiba taateewwanii dubbata, garuu akka Liisiiyaas yaada gaarii qabarachuu isaa agarsiisutti.

**23:26** Lakkoofsi kun kan keessatti maqaa anga'ootaa agarruudha.

**23:29** Lakkoofsi kun haala Luqaas ittiin kirisityaanummaa fi geggeessitoonni ishee, yommuu anga'oota mootummaa duratti hiamataman hundumaatti yakki akka irratti hin argamne agarsisudha. Rooman "karaa kanaan" waan sodaaattu hin qabdu.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 23:31-35**

**[31]Warri loltuu akkuma abboomamanitti, halkanuma gaafasii Phaawuloosiin fuudhanii Antiiphaaxriisitti geessan. [32]lafti bariinaan loltuu warri lafoo iddoo buufata isaaniitti deebi'an; warri fardeenii garuu Phaawuloosii wajjin ni adeeman. [33]jarri Qiisaariyaa ga'anii, caaffaticha abbaa biyyaatti kennanii, Phaawuloosiin immoo isa dura dhaabachiisan. [34]Abbaan biyyaa sun caaaticha dubbisee, nama biyya kamii akkanni ta'es gaafatee, Phaawuloos nama Qiliiqiyaa ta'uu isaa bare. [35]"Warri si hammeessan erga as ga'anii, dubbii keen an ilaala" ittiin jdhee, mana Heroodis ijaarsise keessatti akka eegamu abboome.**

**23:31 "halkanuma gaafasii Phaawuloosiin fuudhanii Antiiphaaxriisitti geessan"** Magaalaan kun Heroodis guddichaan ijaaramtee maqaa abbara isaa Antiiphaaxiritti lammaffaatti moggaafamte. Kun adeemsa baay'ee dheeraa maayila 30-40 ta'uu danda'u ture. Iddoon argama managaalittii sirriitti hin beekamu. Sababni loltoonni warri lafoon iddoo kanaa deebi'aniif (Lakk. 32) (1) kun harka caalaatti naannoo Ormootaa waan tureef fi (2) teessumni lafaichaa diriiraa fi mul'ataa waan tureef sodaaan rukuttaa tasaa baay'ee xinnoo ture.

**23:33 "abbara biyyaa"** Kun salphaadhumatti "bulchaa" jechuudha. Luqaas muudama anga'oota Roomaa dogoggora malee fayyadamuu nama danda'udha.

**23:24 "nama biyya kamii akka inni ta'es gaafatee"** Kun murtoo kennuu akka danda'u mirkaneeffachuuf ture. Phaawulosiis bulchiinsa isaa keessaa waan tureef Feeliks dhimmicha ilaaluu ni danda'a ture. Impaayera Roomaa keessaa nagoo mana murtii gosa sadiitu jira: (1) kan mootii (Qeesaar): (2) kan caffee: fi(2) kan naannool kan akka Herodisootaa

**23:35 "warri si hammeessan erga as ga'anii"** Warri kun Yihudoota Asiyaa warra Phaawulosiin mana qulqullummaa iddoo Yihudootaa duwwaaf hayyamamu warra Ormoota licisiise jedhanii hammeessan ta'uu qabu. Dhiyaachuu dadhabuun isaanii akka himatichi cufamu godhe. Garuu, akkuma yeroo baay'ee ta'u, siyaasni naannoo haqa ni miidha!

▣ **"mana Herodis ijaarsise keessatti akka eegamu abboome"** Warri Roomaa yeroo inni eegumsa isaanii jala turetti Phaawulosiif gaarii turan (cf. 24:23). Phaawuloos masaraa Herodis guddichaan ijaarame keessa ture, kun duraan mana jireenyaa isaa ture, amma garuu teessoo warra Roomaa ta'eera. Mata duree addaa itti aane jiru ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: EEGDUU MANA MOOTII**

Jalqaba irratti jechichi kan inni itti dhimma bahamaa turee mana jeeneraala Roomaa eeguu irratti (practor) garuu erga warreen Roomaa kufaniin booda akkaataa mana bulchiinsaa ykn mana jirenya abbaa siyaasaa ykn gaggeessaa waraanaa eeguuf gargaara (Matt. 27:27, Yoh. 18:28,33, 19:9, HoE 23:35)

Haa ta'u malee, jaarraa isa duraatti mana abbaa taayitaa isa olaanaa eeguuf gargaare. Gareen milishaa kunneen kan eegalamanii Augstiiniidhaani. Garuu xumura irratti Tiibiroosiin Roomaatti hundaa'e. Jarri (1) warreen sadarkaa walfakkaataa irratti argamaniidha (2) dacha lamatu kaffalamaaf (3) carraa adda ni qabu (4) jarri sababa mootii jaraa irraa kan ka'e humna qabeessaa fi kabaja qabeessa. Amma Qontoosinootti jarreen kun humna garee siyaasaa irraa hin dhabamne.

**GAAFFILEE MARII**

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Quqlulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa ofii isaa laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen kun kah dhiyatan akka ati dhimoota gurguddoo Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee yaaduuf si gargaaruufidha. Gaaffileen kun yaada kaasuu malee ibsa irratti hin laatan.

a. Hitisoota Phaawulos madaalii qabiyyee isaan walitti qaban tarreessi.
b. Phaawuloos akka Yihudii amantii qabuutti of ilaaleera?
c. Waa'ee maatii Phaawulos Hojii Ergamootaa irraa wanti hubannu jiraa?

# HOJII ERGAMOOTAA 24

| YBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Himata Phaawulosiitti baname | Yakka mootummaarratti kakaasuu | Phaawulos Feeliksii duratti | Himata Phaawulos irratti dhihaate | Himata Feeliksi duratti |
| 24:1-9 | 24:1-9 | 24:1-2a | 24:1-2a | 24:1-9 |
| | | 24:2b-8 | 24:2b-9 | |
| | | 24:9 | | |
| Faccisa ofii isaa irra Phaawuloos Feeliksii duratti godhe | Faciisa Fileeksii durati | | Faccisa Phaawulosii Fiileeksii duratti | |
| 24:10:21 | 24:10-21 | 24:10a | 24:10a | 24:10a |
| | | | | Dubbii Phaawulos mootii Roomaa duratti godhe |
| | | 24:10b-21 | 24:10b-16 | 24:10b-13 |
| | | | | 24:14-16 |
| | | | 24:17-21 | 24:17-21 |
| | Lafarra harkisuu/har'a borjechuu Fiiliiksii | | | Booji'amuu Phaawulos Qazariyaatti |
| 24:22-23 | 24:22-27 | 24:22-23 | 24:22-23 | 24:22-23 |
| Phaawuloos mana adabbii galfamuu isaa | | | Phaawuloos Feeliiksii fi Dursiilaa duratti | |
| 24:24-26 | | 24:24-26 | 24:24-26 | 24:24-26 |
| 24:27 | | 24:27 | 24:27 | 24:27 |

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIIRUU IRRATTI HUNDAA'E

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A guide to good Bible reading" fuula vii irraa)**
*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. kkk

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 24:1-2a**
**[1]Guyyoota shanan booda lubni Anaaniyaas jaarsoolii muraasaa wajjin gadi bu'e, abbaa seeraa maqaa isaa Xeerxulaas jedhamu, fi Isaan mootummaatti *Phaawulosiin* himta. [2]Erga Phaawulos waamamee booda, Xeeruxulas motummaatti himuudhaan Phaawulosiin himachuu eegale.**

**24:1 "lubni olaanaa Aanaaniyaas"** Yaadannoo guutuu 23:2 ilaali.

▣ **"gadi bu'uu"** Yihudootaaf, Yeruusaalem yeroo hundaa "olii" fi teessumni lafaa biroon kan agarsiisan "gadi"

▣ **"jaarsoolii"** Kakuu Moofaa keessatti jechi kun jaarsa dura bu'aa gosaa agarsiisa. Yeroo bara boqonnaa booda, namoonni beekamoon Yeruusaalem akka qabeenyaatti itti fayyadamaa turan. Kakuu Haaraa keessatti saanheendiriin yeroo mara akkas jedhee ibseera "luba olaanaa" sababii fi jaarsoolii "kanneen kun akka carraa miseensa Sanheendiriin kannneen deggeerstoota Sadduu Ziisootaa ta'uu danda'aniiti. Dura buutonnii mana Waaqeffannaa rakkoo guddaa yemmuu Faariisoonni ibsan ilaalaa tura (23:6-10 walbira qabi).

▣ **"Xeerxulaas"** Kun abbara seeraa miindeeffamaa (xabaqaa) ykn nama nama biroof dubbatu (HKJV madaali). Uumama jechoota Giriikii *reēma* yookaan "jecha dubbifamaa" Innis ifumatti himata Saanheedriin akkaataa seera Roomaatti Laatiniidhana dhiheesse.

**NASB (KAN FOOYYA'E) BARREEFFAMA: 2b-9**
**[2b]Erga nuti karaa kee nagaa baay'ee argannee, fi erga eegumsa keetiin haaroomsi saba kanaaf kenname/godhame, [3]nuti kana karaa hundaanii fi bakka hundaatti ni galateeffanna. Kabajamaa guddaan Fiileeksii, waan hundaaf galataan haa guutan. [4]Garuu, tegaa kana achi sindadhabsiisu ta'a, gargaarsa akka nuuf gootuuf kanan si kadhadhu, akka arjummaa keetti, gurra sirriitti dhagahu. [5]Nuyi nama kana akka agarretti dhugumattuu nama wacaa fi Yihudoota addunyaa hundattii fi boji'amtoota sadarkaa 1ffaa kan amantii hordoftoota Yesuus ta'ani gidduutti jeequmsa naam kakaaseedha. [6]Akkasumas inni mana waaqeeffannaa akka kabaja dhabuuf yaalii godheera. Kanaafis nuyis isa qabne. [Akkaataa seera mataa keenyaatti itti murteessuu barbaanne. [7]Garuu ajajaan liiyaasiyaas irra dhufee, miidhaa guddaadhaan harka keenya keessa isa baase, [8]Yakkamtoota isaa ajajuun akka isa dura dhufan godhe]. Dhimmoota kana hundaa ilaachisee, ofii keen isa qorachuudhaan wantoota nuyi yakkamaa isa goone mirakneessuu ni dandeessa". Yihudoonnis akkasumas reebicha/miidhaa kanatti hirmaatanii, kunis kan mirakneessu wantoonni kanneen akkasitti akka raawwatamanidha.**

**24:2b-4** Seensi kun yaalii ofumaa ta'u qofa miti (shakkiin eeggachuu) garuu dhgumatti hunde dhabeessa. Feeliksii nama hamaa ture (Taasiitas, *Histoory* 5:9 fi *Annaalsii* 12:2). Sababa obboleessa isaatif Feeliiksii qofatu bakka isaa irra ture, Pallaasii, kan Feeliiksii wajjiin ture nama biliisaa bahee kan Antooniyaa ture (mucaa Maarkii Antoonii) Kilaayuudiyaas, kan haadha mootiiti. Innis booda gaaffii ummataatiin Neeroodhaan aangoo irraa buufame (Yooseefas, *Wars* 2.12.8-13.7 fi *Antiikii* 20.7.7-8.9)

**24:2b "nagaa bay'ee argame"** Namni muraasni akka yaadaniitti kana jechuun yaalii inni sochii warra ilaalcha waa'ee Yihudootaa gadi fagoo qaban kan Siikaarii jedhamu (nama jibba cimaa qabu agarsiisu) ittisuuf Yoosefasin ilaali lola 2:13.2).

**24:5 "nuti nama kana arganneerra"** Hojii Ergamotaa iddoo hundattu himanni kiristiyaanummaatti banamu soba akka ta'u Roomaanota addunyaatti agarsiisuun kaayyoo luqaas ture. Kunis maaliif Luqaas mana murtii Roomaa fi hojjettoota olaanoo Roomaa duratti gochaalee hedduu galmeesse Phaawuloos wantoota sadiin himatame (1) Rakkoo uumaa (2) Dura bu'aa amantii haaraa waan ta'eef (3) mana waaqeffannaa kabaja dhowwachuu.

▣

**NASB** **"wacaa dhugaa"**
**NKJV** **"Irra deddebiin gaaffii gaafachuun nama cinquu/rakkisu"**
**NRSV** **"obboleessa haminaa"**
**TEV** **"sagalee hamaa dhageessisuu**
**NJB** **"waca sirrii/kan muudaa hin qabne**

Kun hiikaa jechaa kan irra deddeebi'anii nama nuffisiisuun hanga wacaniitti rakkiisuun gaaffii gaafachuu irraa dhufe. (Luqaas 21:11). Kakuu Moofaa keesatti (ixx) hiikaa wacaa ykn jeequmsa sagalee qaba ture, garuu namicha fakkeessanii itti fayyadamaa turuun danda'ameera (Piiroo 19:25 Madaali).

▣ Addunyaa maratti kun dhugumatti garmalee kaayyoo guutuun wanta tokko qixa isaa olitti jajuunii fi ta'uyyuu tajaajila Phaawuloos biyya hambara keessatti godheef bakkeen gahuu galata ta'a.

▣ **"nama yakkatti nama oofu"** Kun jecha tiishoo Giriikii kan "1ffaa" fi "dhaabbachuu" kunis seepiituwaangiinti kan Yaa'iboob 15:24 keessatti fayyadaa ture," Booji'amtoota sadarkaa 1ffaa kunis as Kakuu Haaraa keessatti qofa fayyada. Akkasumas kooyinee Paapiyiirii biyya Gibxii keessatti argame hundaatti miti.

▣ **"amantii addaa kan duraan turerra qoodamanii kan gartuun hordofan"** hundeen jechaa *Heeyireesiis* jedhama "qoodama" ykn gartuu namoota xiqqoo kan gartuu amantii warreen biroon hordofan moramni ("hiika irra keessaa," filannoo gochuu) akkuma jecha Ingiliffaa keenya keessatti ilaalamuun danda'ametti, hiikaa nagativii qabarachaa dhufeera, kunis jecha Giriikii irraa kan dhufeedha. Suudiyuuzootni 5:17 Fariisoonni 15:5 keessatti jechoota kanaan dubbataniiru. Hojii Ergamootaa keessatti akkaataa galumsa hiikaa isaa, haala ilaalcha Phaawuloosiin kiristiyaanummaan qaama waliigalaa kan amantii Yihudootaa fi abdiiti (v. 14 madaali).

▣ **"hordooftoota Yesuus nama Naazireeti"** Jechi kun kan ibsu hordoftoota Yesuus kan nama Naazireeti, namni muraasni Naazireetii irratti, gruu kanneen biroon immoo jecha kana Neeziiri ykn "damee"tiin walitti firoomsu, mata duree kan Masiihii ykn is dibameef (Isa. 11:1; 53:2 madaali) mata duree addaa kan 2:22 ilaali.

**24:7** Lakkofsa 7 fi kan kutaa 6 fi 8 (kan mallattoo cuftuutiin itti godhamee barreeffame kan yeroo NASB keessatti) Barreeffamoota harkaanii Giriikoota durii keessati hin argamu p74, א , A ykn B. Barreeffamoota hartaanii Giriikii durii keessatti bifa garaa garaa hedduutu mul'ata. Isaaniis qaama barreeffamoota harkaanii kan jalqabara Luqaas miti. Koomiiteen UBS3 kan kennaniif "D" shallaggiin (shakkii dhigiriin isaa cimaa ta'e).

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 24:10-21**

**[10]Yemmuu bulchiinsoonni itti dubbachuuf mataa itti raasan Phaawuloos deebii kenneef, waggaa hedduuf saba kanatti murteessa akka turtan beektu, ani gammachuudhaan nan faccisa koo godhaa,
[11]Akka isiin yaadannoo kan ragaa qabaachuu dandeessanitti gara Yeruusaalemitti ol bahee ergaa sagalee yoo xiqqaate guyyoota 12 caalan hin darbine. [12]Mana Waaqeeffannaa keessatti osoo hin tayin ykn mana Waaqeeffannaa Yihudootaas odoo hin tayin, magaalaa mataa isaa keessatti kan hin godhamne kan isaan odoo ani ibsa nama kamiyyuu wajin ykn warra jeequmsa uuman wajjin godhamuu na argan. [13]Yookin ammo kan isaan sitti mirkaneessuu danda'an waraqaa himataa kan isaan amma narratti dhiheessani
[14]Garuu kana ani sittan dabarsa akkaataa karaa isaan amantii itti waaman ani Waaqa abbaa keenyaa tajaajiluun qaba, akkaataa seeraa fi kan mul'ata keessatti barreeffameetti waan hundaatti amanuu.
[15]Abdii Waaqa keessatti qabaachuun kan namoonni yaada kana of keessatti qabaachuu qaban, kan warra karaa qajeelaa irra deddebi'anii fi dadhabootaaf dhugumatti du'aa ka'uun jira. [16]Sagalee kanaan yaada abaarsa hin qabne irraa of eeggachuuf Waaqaa fi namoota duratti yeroo mara tattaaffii nan godha. [17]Amma waggoota hedduu boda badhaasa fidee akkasumas kennaa badhaasaa fidee kennuuf nan dhufa. [18]Kan isaan bakka waaqeeffannaa keessa buufachuu koo na argan, kan qulqullaa'e, kan rakkina baay'inaan hin qabne ykn kan jeequmsa hin qabne. Garuu Yihudoota muraasa kan Eeshiyaa irraa dhufantu jira. [19]Eenyu kan siduratti iyyata sirratti banuuf dhihaachuu qabu, yoo isaan dhimma iyyata narratti banan qabaachuu danda'an. [20]Yoo kaan ammo kana ta'uu baannaan namoonni kun mataan isaanii wanta dogoggoraa hojjetame kan argan yemmuun caffee duratti bahu haa dubbatan. [21]Kan biro caalaatti himattii tokkittii kanaaf kan ani iyyee baase yemmuun gidduu isaanii dhaabbadhe. Du'aa ka'uu kan isa du'eef ani har'a murtii irran jira isin fuulduratti**

**24:10 "akka abbaran seeraa Saanleediriin seensa beekamatti fayyadameeetti"** Phaawuloos akkuma kana godhe.

▣ **"faccisa"** Jecha Ingiliffaa "dhiifama" ykn "dhiifama gaafataa" jecha Giriikii irraa akka argametti. Hiikkaan hundee isaa faccisa seeraa kan mana murtii keessaa jechuudha.

**24:11-12** Phaawuloos akka mirkaneesseetti sochiin isa ummata Yeruusaalem keessaa waayyuu hin turre garuu kan uumama irraa adda ta'ee fi wal diddaa akka uumu godhuudha.

**24:14 "karaa"** Kun moggaasa kirisityaanotaa durii kan baay'ee ciimsee Yesuus karaa gara Waaqaa ittiin dhaqan ta'e ibsu (Yohaannis 14:6) fi haala jireenya obbolummaa (9:2; 19:9,23; 22:24; 24:22 fi 18:25-26 ta'uu danda'a)

▣ Seera…Ergamootaa kunis hiikaa lama kan qoqqooddii dacha sadii kan Kakuu Mofaa kaanoonii

1. Tooraaha (Seera) - uumama Diyuutiroonoomii
2. Ergamoota
   a. Ergamaa duratti/jalqabara - Yoosu waa..moototu (Ruutiin osoo hin dabalatin)
   b. Ergamaa bodaa - seeyii maalchii (Boo'cihaa fi Daani'eeliin osoo hin dabalatin)
3. Barreeffamoota
   a. Meegiloozii - Ruutii, Asteer, luba lallabara, weedduu weeddotaa fi Boo'ichaa
   b. Barreeffama Ogummaa - Hojii, faarsaa Daawit, mammaaksoota
   c. Seenaa biyyaa bahuu booda - galmee seenaan itti tartiibaran barreeffaman Hiziraa, fi Nahaamiyaa.

**24:15 "Abdii Waaqaa keessatti kan namoonni of keessaa qaban qabarachuu"** Phaawuloos akka mirkaneesseetti fuuleeffannaan amantii isaa himatamtoota kanneenii wajjin walfakkaata (v. 16 madaali) sagalee isaa kan du'aa ka'uu jedhu odoo hin dabalatin, waldiddaan waa'ee dhimma Macaafa Qulqulluu kan Yihudota keessaa agarsiisuudhana Phaawuloos faccisa ofirraa gochuuf yaaleera. Kunis kan Roomaa keessatti hirmaachuuf hin barbaranneedha. Mata duree addaa ilaali: Abdii gara 2:25

▣ **"harra daandii sirrii irra deemanii fi warra dadhabootaaf du'aa ka'uu dhugaan ni jira"** Kun kan ibsu barsiisa Macaafa Qulqulluu warra Fariisotaati, kan dura buutoota mana waaqeeffannaa Saadiyuushiyaanotaa miti. Yooseefas, Antikii 18:1:3, kun immoo kan ragaa bahu Fariisoonni muraasni du'aa ka'uu kan warra dadhabootas haalaniiru (duguugamee baduu Ediwardii Fuudiigee ilaali) Abidda kan nama nyaatu) Wangeelli yaada rime du'aa ka'uu waliigalaa kanaan guutamee jira (Isa. 25:8: Dan. 12:2; Mat. 25:46; Yoh. 5:29; Rom. 2:6-11; Mul. 20:11-15 madaali).

▣ **"ani gama kootiin yaada abararsa hin qabne eeguuf yeroo mara nan tattaafadha"** gaaleen kana fakkaatu kun kan hubni olaanaan 23:1-2 keessatti baay'eetti aare. Phaawuloos ergama isaa keessatti ammas kana irra deddeebi'eera. Barsiisa isa kan nama utubu wajjinkan Qor. Isa dura 9:24-27 keessatti walfakkaata. Of eggannoo inni Feeliiksiin barsiise (lakk. 25 madaali) raawwachuu fi eeguun wanta salphaa miti. Of to'achuun Gal. 5:22 keessatti firii hafuuraa keessaa isa tokkodha. Akkasumas bu'uura firiilee himuun ni danda'ama. Obboloota koof kanneen ani wajjin hojjedhu, Dr. Daaviidii Kiingiis, yaada barsiisa kootii dubbisanii yaada itti kennaniiru. "Firii tokko kan damee hedduu akka burtukaanaa"

**24:17 "ani kennaa fidee saba kootiif nan dhufa"** "kennaa" Mata duree addaa 3:2 ilaali. Kun kan ibsu gahee kan waldaa hin amannee irraa gara waldaa Yeruusaalem keessa jiruu ibsa (Rom. 15:25-17; Qor. Isa dura 16:1-4; 2Qor. 8-9 madaali) kan nama dinqisiisu 21:15ff keessatti maqaa hin dhahamne. Kun kan agarsiisu waldaa Yeruusaalem keessa jiran maraatiif tarii akka gaariitti hin fudhatamne ta'a. Warri cimsanii sanyummaa hordofani wajjin dubbachuun amanannaadhaaf cimaadha.

**24:18 "odoon mana waaqeeffannaa qulqulla'aa keessa buufachuu na argan"** Haallii tartiiba sirna kadhannaa Yihudootaa kun kaka'iinsa Yaa'iiqoobii fi jaarsooliin ture (21.17-26 madali) kana jechuun Yihudoota seeraan mana waldaa keessatti amanan sossobuun ture gruu dhugaadhumatti yemmuu ilaalamu Yihudoota Eshiyaa irra dhufan aarseera.

**24:18-19 "Yihudoonni Eeshiyaa kanneen achi turuun irra jiru"** Kun faccisa Phaawulos kan qabxii seeraaf kennee keessatti kun barbarachisaa ture. (Lakk. 19 madaali) ragaan iaalcha ijaanii himataan dhiyaatee hin turre, kanneen Phaawuloosiin addunyaa maratti yakkan ragaa qabatamaa odoo hin qabaratiin miidhaa ykn hamminaaf ture (Lakk. 20 madaali).

**24:19b "yoo"** Kun haalawwan yeroo kutaa 4ffaa kun karaa ittiin ni ta'a ibsan kan filannoo irraa fageenyaan adda baheedha. A.T Roobertiisooni, *fakkii addunyaa Macaafa Kakuu heeraa* keessatti, fuula 420 haala walitti makame kan xumura daree 2ffaa jedhee isa waama (innis garuu isaan hin turre Lakk. 192). Giraamarii isaa (fuula 1022) kan biro keessatti himoota ta'iinsa wal makaa barreeffama Luqaas keessatti maqaa barreessu (Luq. 17 fi HoE 8:31 madaali).

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 24:22-23**

**22 Garuu Fiileeksi waa'ee karaa fi beekumsaa baay'ee sirri ta'e qabaachuun akkas jechuun isaan dhabamsiise "yommuu Liisiyaas inni ajajaan gadi bu'u ani himata keef murtii nan kenna" 23 Kana booda akka mana hidha eeganiif loltoota 100 isaaf jaje haata'u malee hamma ammaatti biliisummaa muraasa qaba ture, akkasumas obboloota isaa kamiyyuu kan isa gargaaran akka irraa hin dhowwineef.**

**24:22** Fiileeksii ifumatti waa'ee Yesuusii fi kiristiyaanummaa dhag'ee ture. Akka carraa akka hojjettoota olaanoo Roomaa ibsa haala waa'ee naannoo kan inni itti filatamuu ta'a.

Haati manaa Fiileeksii Yihudii turte (Lakk. 24 madaali) Kun kan jedhameef waa'ee barsiisa Yihudootaa beekuuf carraa yaaliin mirkanaa'e qaba ture. Karaansaas Yihudoota keessatti akka barsiifati. Kanaafuu "karaa seeraa" Amantii Impaayeera Roomaa keessatti ilaalamaa ture.

**24:23** Kun kan mul'isu Fiileeksii Phaawuloosiin akka sodaa fi mirga muraasa qabachuutti kan fedhan argachuu hayyamamuuf hin argine. Kunoo ammas hojjettoota Roomaa kan kiristiyaanummaa akka rakkoo siyaasatti itti hin dhaga'amneedha.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 24:24:27**
**24Garuu erga guyyaa muraasni darbee booda Fiileeksii Diruusiillaa wajjin gaheera, haacha manaa isaa kan dubartii Yihudootaa taate. Phaawulositti ergamtee, waa'ee jaalalaa Yesuus Kiristoos keessatti inni dubbatu isa dhaggeeffatte. 25Garuu akkuma inni waa'ee qajeelummaa barsiisee, of eeggannoo fi dhufaatii martii, Fiileeksii sodaaatee akkas jedhe "Ammaaf asii deemi, yoon yeroo argadhe siin waama" 26Yeroo dhuma walfakkaataa ta'etti qarshiin Phaawuloosiin isaf kennamee ta'a jedhe abdachaa ture garuu erga waggaan lama darbee ture. 27Feeliiksi Poorshiyaas Feestuusiin wanta inni yaada bakka gahee fi ture, akkasumas hawwiin isaa Yihudootaaf wanta yaada isaanii godhu fi, Fiileeksii Phaawuloosiin mana hidhaatti**

**24:24 "Diiriiyuusiillaa"** dargaggeettii baay'ee bareedduu mucaa kan Heeroodis Agiriippaa 1ffaa fi obboleetti kan Beerniisii fi Agiriippaa 2ffaa turte. Haadha manaa 3ffaa Feeliiksii kan inni Aziizuusii fuudhe kan mootii Emeesse (Yooseefas, Antiikii 20:7:2) turte.

Akkaataa Yooseefas Antiikii 19:9:1 keessatti yemmuu Feeliiksii ishee waggaa 16 ture.

**24:24-25** Phaawulos yeroo mara waa'ee wangeelaa (Lakk. 266 madaali) Fiileeksii fi Diruusiillaa barsiisa. Kun sirritti kan Yesuus akka inni godhuuf barbaradaa tureedha (9:15 madaali) kunis akka hatattamaatti itti murtaa'e (Kunis Phaawuloos akka gubboo kennuuf barbarade) fi yeroo murtii akka dheeressuu/ beellamuu fi (Lakk. 26 madaali).

**24:26** Phaawuloos ifumatti yeroo turtii mana hidhaa isaa gargaarsa kan godhaniif muraasa qaba. Kunis kan argachuu danda'e (1) dhala namaa ykn (2) gargaarsa waldaa irraa (3) Kunis Filiiphisiyuusii ykn Teseeloonqee Feeliiksii yeroo mara Phaawuloosiin kan waamu, haasaa isaa dhaggeeffachuuf odoo hin ta'in gubboo harkaa fudhachuuf abdachuu isaati.

**24:27 "erga waggoonni lama darbee"** Barayyoonni akka amananitti yeroo kana keessa ture kan Luqaas odeeffannoo ragaa ijaa wangeelaa isaaf kanneen Paaleestaayinii keessa jiraniin (Luqaas 1:1-4 madaali). Nama garaa kutataa akka Phaawuloosiif yeroon kun kan jajjabeesu hin turre! Haa ta'u malee, gubboodhaan biliisummaa barbaradaa hin turre. Akka fedha Waaqayyoo ta'a innis beeka.

▣ "Poorshiyaas Feestuusii" Jalqabbii guyyaa kan waajjira isaa irratti barreessitota seenaa Roomaa fi Suuyitooniyaasii fi Taasiitas gidduu waldiddaa/walmormiintu jira. Dhaloota Kiristoosiin dura bara 55 keessa Feeliiksi mana murtii dhiheeffame, garuu dhaloota Kirsoosiin dura bara 59tti kan mirkaneeffame miti itti murtaa'uu fi gadi dhiifamuun isaa Dhaloota Kiristoosiin dura bara 62 keessa odoo waajjira keessa jiruu Feestuusi du'e (Yooseefas, *Antikii* 20:9.1 madaali). Waa'ee isaa muraasatu beeka (Yooseefas, *Antikii*. 20.8.9-10; *Wars 2*:14:1).

▣ **"Feeliiksii Phaawuloosiin mana hidhaatti dhiise"** Hidhamtoota akka barsiifataatti yeroo jijjiirama bulchiinsaatti hundinu gadi dhiifamu. Kutaan kun kan mul'isu haala siyaasaa Paalistaayinii fi dhadhabina dura buutoota Roomaa akkasumas humna/aangoo kan sanheedriiniiti.

## GAAFFIILEE MARII

Kun <u>qajeelfama</u> qo'annaa Macaafa Quqlulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa ofii isaa laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni

Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen kun kah dhiyatan akka ati dhimoota gurguddoo Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee yaaduuf si gargaaruufidha. Gaaffileen kun yaada kaasuu malee ibsa irratti hin laatan.

"Hordoftoota Yesuus Nazireet" jechi jedhu maal jechuudha

1. Ibsi moggaasa 1ffaa hojii ergamootadhaan waldaaf
2. Barbarachisummaa kan Lakk. 5 ibsi.

# HOJII ERGAMOOTAA 25

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Ol iyyannoo Phaawuloos Qeesaariitti | Ol iyyannoo Phaawuloos Qeesaaritti | Ol iyyannoo Mootiitti | Ol iyyannoo Phaawuloos gara mootiitti | Ol iyyannoo Phaawuloos Qeesaariitti |
| 25:1-5 | 25:1-12 | 25:1-5 | 25:1-5 | 25:1-5 |
| 25:6-12 | | 25:6-12 | 25:6-8 | 25:6-12 |
| | | | 25:9 | |
| | | | 25:10-11 | |
| | | | 25:12 | |
| Phaawuloos fuul dura Agirippaa fi Beeriinisiitti geefamu | Phaawuloos Agiriippaa duratti | Faccisa Phaawuloos Agiriippaa duraatti (25:13:26:32) | Phaawuloos fuuldura Agiriippaa fi Beeriniisitti | Phaawuloos fuuldura mootii Agiriippaatti dhihaachuu |
| 25:13-22 | 25:13-27 | 25:13-22 | 25:13-21 | 25:13-22 |
| 25:23-27 | | 22:23-27 | 25:22a | 25:26 |
| | | | 25:22b | |
| | | | 25:23-27 | |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A guide to good Bible reading" fuula vii irraa)**
*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. kkk

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 25:1-5**
[1]**Feestuus erga kutaa biyyaa keessa gahee booda, guyyoonni sadii darbaniiru. Yeruusaalemii irra gara Kaayizaariyaa erga ol bahee.** [2]**Luboonni olaanoonii fi namoonni dura buutoota ta'an kan Yihudootaa himata Phaawuloositti kennanii, isaanis baay'ee ariifachiisanii tauran.** [3]**Araara Phaawuloosiin gaafachuun, kan tarii Yeruusaaleemitti fidu (yeroo walfakkaatuutti, karaarratti isa reebanii/waranii ajjeesuuf).** [4]**Feestuusii kana booda mana sirreessaa kaayi Zeeriyaa deebii akka Phaawuloos turuuf deebii kenne. Kan inni mataan isaayyuu yeroo gabaabaatti gadi dhiisu.** [5]**Kanaafuu akkas jedhe mee namoonni aangoo qaban isin gidduudhaa na wajjin haa deeman yoo wanti dogoggora ta'e kamiyyuu waa'ee namichaa jiraate yakka isaaf isa haa gaafatan.**

**25:1 "Feestuusi"** Kun Feeliiksiitti daansee ture. Inni sanyii mootii ture garuu akkuma beekamu dhibbara siyaasaa jalatti fi ilaalcha yaada tureetti. Innis waggaa lamaaf wajjira turee dhaloota Kiristoosiin dura bara 62tti odoo waajjira jiruu du'e.

▣ **"guyyoota sadan darbe"** Kun kan agarsiisu Phaawuloosiin ilaalchisee dura buutoonni Yihudootaa kan aarsee ture. Feestusi yaada jalqabara gaarii uumuuf fedhii qaba ture.

**25:2 "luba olaanaa fi kan namoota Yihudootaa dura buutoota ta'an"** Kun tarii kan ibsu Saanheediriini kan Yihudoota 70 ta'an kan dura buutoota Yeruusaalem ta'an irraa ijaarame. Isaanis qaama seera raawwachiiftuu olaanoo kan Yihudootaa kan siyaasaa fi amantaa uuman. Mata duree addaa 4:5 ilaali. Haa ta'u malee, akkasumas qabeenyaa biro fi lammii baratan kan Yeruusaalem kan baay'ee warreen seera Roomaa qunnamuu fi walitti dhufeenya gaarii wajjin uumuuf sodaaatoo ta'an ibsuu danda'a.

Gartuu lamaanuu akka ilaallatu sirriitti danda'ama. Waggoota lama booda Isimaa'eel kan jedhamu luba olaanaa haaraa ture. Akkasumas innis kan ofii isaa ijaaruu fedhe kan karaa gaarii kan Fariisota Phaawuloosiin miidhaan gananiidha.

▣ **"isa ariifachiisaa turan"** Kun darbeeyyii sirrii hin taaneedha. Amma amma gaafataman.

**25:3** Kun kan agarsiisu jibbiinsa Phaawuloositti qaban kan kutaa dura buutoota wangeela agarsiisa kan irratti Phaawuloosiin akka diinaatti ilaalanii turan.

▣ **"(Yeroo walfakkaataatti karaarratti ajjeesuuf bakka qabatanii dhokatani)"** Tooftaan dura buutoota Yihudootaa hin jijjiiramne ture (23:12-15 madaali)

**25:5 "yoo"** Kun haala yeroo kutaa tokkoffaa hima akka ilaalcha barreessaa ykn kaayyoo isaatti dhugaa ta'a jedhameet ilaalamu (A.T.Roobertiisoni, *fakkii addunyaa Macaafa Kakuu Haaraa* keessatti lakk. 3 ful 429) Dr. Biiruusii Taankeergileeyi, Kooyine beekaa addaa Giriikii kan dhiha Teksaas cuuphaa Univaristii, kan jedhe tarii Kutaa 3ffaa ta'uu danda'a sababni isaa xumurtuun akkasii pirootasisii keessa hin jiru. Feestuusi akka tilmaametti Phaawulos cubbamaa ture. Kana yoo ta'uu barate maaliif dura buutoonni Yeruusaalem dafanii kan hin bannee fi humna qabeessa ta'anii?

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 25:6-12**
[6]**Erga inni isaan gidduu guyyoota saddet ykn kudhan hin caalle dabarsee, gara Qeeyizaariyatti gadi gu'e, guyyaa itti aanu, teessuma isaa mana murtii adda keessa godhatee Phaawuloos akka itti dhiheessaniif ajaje.** [7]**Erga Phaawulos dhihaatee Yihudoonni gara Yeruusaalemitti gadi bu'an isatti nanna'anii dhaabbatan, himata ciccimoo baay'ee kan isaan mirkaneessuu hin dandeenye itti banan,**

**[8]Yemmuu Phaawuloos faccisa keessatti dubbate, "ani yakka kamiyyuu seera Yihudootaatti ykn mana waaqeeffannaatti ykn Qeesaariitti hin raawwanne" [9]Garuu Feestaasi, gama Yihudootaa goree hojjechuu fi ykn deebise, "gara Yeruusaaleemitti ol bahuuf akkasumas waraqaa seeraa kan yakkaa natti kennameef mana murtii fuldura naadhaabachuuf feedhii qabdaa? [10]"Garuu Phaawulo akkas jedhe" ani fuuldura mana murii addaa Deezaariin dhaabbachaa jira, iddoon itti yaalu qabu. Ani dogoggora tokkollee Yihudoota irratti hin raawwanne akkuma isin akka gaariitti beektanu. [11]Yoo kana ta'ee ani nama dogoggora hojjete kan wanta kamiyyuu hin raawwanne du'i gatii qaba, ani du'uu hin didu garuu wantoonni kun hundumtuu kanneen namoonni na yakkan yoo dhugaa hin taanee namni kamiyyuu isaanii dabarsee na kennuu hin danda'au. Ol iyyannoon Qeezaariitti dhiheeffadha. [12]Kanachii yemmuu Qeezaar caffaadhaan gorfamu, akkas jedhee deebise" Qeezaariitti ol iyyannoo dhiheeffachuu qaba, erga Qeezariitti dhiheeffattee deemuu dandeessa"**

**25:6-9** Gochi kun kan agarsiise Phaawulos Feestuus irraa abdii murtii dhugaa akka hinqabneedha. Yeruusaaleem keessatti wanta isa eege ni beeka (Lakk. 3 madaali). Akkasumas Yesuus Roomee akka deemuuf isa barbarade ni beeka (9:15 madali)

**25:6 "erga inni guyyoota saddet ykn kudhan hin caalle isaan gidduu turee booda"** Ani akkan tilmaamutti dura buutoonni Yihudootaa Festusiin nyaachisuu fi obarasuun bashannansiisaniiru. Hojjettoota olaanoo Roomaa hundaa to'ataniiru.

**25:10-11 "Phaawuloos akka mirkaneessetti durumaaniyyuu aangoo qajeelaa duraa fi bakka qajeelaa keessa ture"** Luqaas lakk 11 keessatti akka galmeesseetti Phaawuloos hojjettoota olaanoo irraa ol iyyannoo Qeesaariitti dhiyeesse.

Dhaloota Kiristoosiin booda bara 30 Mirgi oliyyannoo Qeesaaritti jalqaba Oktaaviiyaan eegale (Diiyoo Kaashiyaas, *Seenaa* 51, 19, madaali) Dirqisiisni jalqabara kun lammii Roomaa kamiyyuu kan Qeesaaritti iyyata jaamummaa hambisuuf, miidhaa ykn rakkoo kan fidu dhowwuuf, fi miidhaa guddaa kan gara jabinaan namarratti raawwatu irraa hambisuuf babal'atee ture (Phaawuloos, *Senteenshiyee* 5.26.1 madaali)

A.N.Sheerwiin Hawaasa Roomaa adii keessattii fi seera kan Macaafa Kakuu Haaraa keessatti waa'ee seera Roomaa jaarraa tokkoffaa ibsa gaariitu ture, barumsa kenname afur: Phaawulos fuuldura Feeliiksii fi Feesusitti" Fuula 48-70.

**25:11 "yoo…yoo"** HAALA YEROO KUTAA 1FFAA himaa lameen kan akka ilaalcha barreessaa ykn akka yaada isaatti dhugaa ta'uu danda'u jedhanii tilmaaman. Faayidaan kanneen lamaan akka galumsaatti kan agarsiisan akkamitti ijaarsa giraamarii tuqaa kana uumuuf fayyadaa turee agarsiisa. Inni tokkoffaan yoo dhugumaan ilalame soba (garuu sirrumatti haala walfakkaataan Feeliiksi lakk 5 keessatti itti fayyadameeera): Inni lammaffaa dhugumattuu dhugaadha.

▣ **"Ani du'uu hin didu/hin momru"** Phaawuloos aangoo mootummaa ilaalee (Rom. 13:4 madaali) Ilaalchi Kakuu Moofaa adabbii du'aa irratti ilaalchisee Uumama 9:6 keessatti argamuu danda'a. Adabbii du'aa ilaalchisee barsiisa baay'ee barbarachisaa jecha wangeelaa cimaa fuula, 114-116 keessatti barreeffame ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, TEV** | **"namni kamiyyuu harakasaanitti dabarsee nah in kennu"** |
| **NKJV** | **"namni kami iyyuu dabarsuu isaanitti nan hin kennu"** |
| **NRSV** | **"namni kamiyyuu dabarsee isanitti nan kennu"** |
| **NJB** | **"namni kamiyyuu mirga isaanitti dabarsee na kennuu hin qabu"** |

Jechi *Chaarizoomayi* hiikaan hundee isaa "wanta namni barbarade kennuufi ykn "wanta fedhii isaatii kennuuf" Phaawuloos akka mirkaneeffatetti Feestuusi ofii isaa duga butoota Yihudootaaf kennee isaan gammachiisuuf yalaa tureera. Haa ta'u malee, Feestusii labsii Juuliyaas Qeesaari irra baheef bitamuu akka

danda'u yaaleera (Yooseefas Antikii, 14:10-2 madaali) Kunis hojjettoota olaanoo Roomaa kan Paalestaayinii keessa haawwii luba olaanaaf akka hayyamaniif jajjabeesseera.

▣ **"ani oliyyannoo Qeesaarittiin dhiheeffadha"** Kun murga seeraa kan lammii Roomaa maraaf himata adabbii du'aa keessatti.

**25:12 "caffee isaa"** Kun kan ibsu abbara seeraa Roomaa Feestusii, duka buutoota Yihudootaa miti.

**AKKA GALUMSAATTI FAGEESSANII YAADU HOJII ERGAMOOTAA 25:13-26:32**

**DUDDUUBEE**

A. Heeroodis Agirippaa 2ffaa (Maarkaas Juuliyaas Agirippaa)
    1. Inni mucaa Heeroodis Agirippaa 1ffaati. (Hojii Ergamootaa 12 madaali) kan bulchaa siyaasaa kan Yihudaa fi akkasumas to'ataa mana waaqeffannaa fi lubootaa ture (Dhaloota Kiristoosiin dura bara 41-44) fi mucaa mucaa Heroodis guddichaa ture.
    2. Innis Roomaa keessatti baratee Roomaa deggeraa ture. Dhaloota Kiristoosin dura bara 70tti waraana Yihudootaa booda Roomaatti deebi'ee akkasumas Dh.K.D bara 100tti achumatti du'e.
    3. Umurii waggaa 17tti abbaran isaa du'e garuu mootii ta'uuf baay'ee ijoollee ture.
    4. Dh.K.D bara 50tti Heerodis Chaalsiis, eessuma Agirippaa 1ffaa, Mootii Chaalsiis (Mootummaa Xiqqoo kaaba Paaleestaayinii), du'eetii fi Agiriippa 1ffaa'n mootummaa isaa mootii kiilaayuudiyaasiinkennameef. Akkasumas to'annoo mana waaqeffannaa irrattii fi Qeesota/luboota olaanoo irratti akka godhu kennameeraaf.
    5. Dh.K.D bara 53 keessa mootummaa xiqqaa isaa kan teetrachiisii Heeroodis Fiiliiphi (Ituuriyaa fi Tiraakonootiis) fi Liiyisaaniyaas (Abiileenee) jijjiirrate.
    6. Booda, Mootiin Neeroo magaalota baay'ee fi mandaroota naannoo Galiilaatti argaman naannoo to'annoo isatti dabale. Magaalaan guddoon isaa Qeesaariyaa Fiiliiphii kan inni maqaa biro Neerooniyaas jedhee moggaase.
    7. Wabii seenaatiif madaalli/wal bira qabiisaa:
        a. Yooseefas *lola Yihudootaa* 2.12.1,7-8; 15.1:16.4.7.5.1
        b. Yooseefas, *Meeshaalee durii kan Yihudootaa* 19.9.2.20.2.2; 6.5; 7.1; 8.4; 9.6

B. Beernisii
    1. Isheen intala dulloomtuu kan Heerodis Agiriphaa turte
    2. Isheen obboleettii Agiriphaa 2ffaa,, yeroo sanatti tarii jaalallee isaa kan firri ykn kan dhiiga tokko ta'e wal jaallatu (kanaaf ragaan hin turre oduu qofa). Booda mootii Tiituusiif yemmuu ajajaa ture haadha manaa isaa taatee turte. Inni ajajaa olaanaa Roomaa kan Dh.K.D bara 70 keessa mana waaqeeffannaa fi Yeruusaalemiin burkuteesse ture.
    3. Isheen obboleettii Diiruusiillaa turte (24:24 madaali)
    4. Isheen Heeroodis Chaalsiisiitti heerumtee (obboleessa Heerodis Agirippaa 1ffaa eessuma ishee), garuu yemmu inni du'e obboleessa ishee wajjin biraa deemte.
    5. Booda mootii Kiliishiyaa Pooleemoonitti heerumte, garuu isa dhiiftee gaa obboleessa ishee maqaa mata duree "Mootii" jedhu moggaaseetti deebite.
    6. Isheen haadha manaa lameenii kan mootii Veespaashiyaani fi ajaja olaanaa Tiituusi (Booda mootii) turte.
    7. Wabii seenaa
        a. Yooseefas waraana Yihudootaa 2.1.6; 15.1; 17.1
        b. Yooseefas bara yihudootaa durdurii 19:9.1; 15.1; 20.1.3
        c. Taaktiiyaas Seenaa 2.2
        d. Siiyuutooniyaas jireenya Tiitoos 7
        e. Diiyoo kaasiyaas seenaawwan 65: 15; 66:18
        f. Juveenaalii kan kolfisisaa 61.156-157

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 25:13-22**

**[13]Amma yemmuu guyyoota hedduun darban, mootii Agirippaa fi Beernisi Qeesaari bira gahani Festusaaf kabaja isanii kennuufidha. [14]Yemmuu isaan guyyoota hedduu asitti dabarsan, Feestuus iyyata Phaawuloos akkas jedhuudhaan fuuldura mootiitti dhiheesse, "nana mana hidhaatti Feeliiksiin hafetu jira: [15]Yemmuun Yeruusaalemiin ture, luba olaanaa fi jaarsoolii Yihudootaatu himata seeraa itti kennee ture, hima murtii gaafachu gaafatani. [16]Ani akkan jedhee deebiseefitti kun barsiifata Roomaa miti nama kamiyyuu dabarsanii fuuldura kan himataman himataa isaa fuulaafuulatti iti qunnamuu fi carraa ofirraa ittiisuu kan waraqaa himatichaa godhudha. [17]Erga asitti walgahanii booda, ani, ani gufuu itti hin taane garuu guyyaa itti aanutti teessuma koo gara mana murtiitti fuudhee namicha akka gara kootti fideniif ajaje. [18]Yemmuu himataan ol ka'ee dhaabbatu waraqaa himataa itti fidanii, yakkichi akkan tilmaamee ture hin turre. [19]Garuu salphaadhumatti tuqaa isaa irratti waldidan muraasa, kunis waa'ee amantii mataa isaanii fi waa'ee nama du'e, Yesuus, kan Phaawuloos isa jiraataa ta'uu isaa mirakenesse. [20]Wantoota kana qorachuu dhabuudhaan, akka inni fedhii Yeruusaalemiin deemuu qabuu fi wantoota kanarratti mana murtiitti akka dhiyaatu gaafadheen ture. [21]Garuu yemmuu Phaawuloos murtii mootiittiin mana hidhaa buufamuu isaaf oliyyannoo godhate, Hamman Qeesaaritti ergutti mana adabaa keessa akka turuuf isa ajajeera. [22]Kana booda Agirippaan Feestuusiin akka jedhe "ani ofii kootiin namicha dhaggeeffachuun fedha" "Bor" "Akkas jedhe" "nidhaggeeffatta"**

**25:13 "mootii Agiriippaa"** Kun kan ibsu Agirippaa 2ffaadha. Inni obboleessa Diruusillaa fi Beerniisiiti. Roomaa keessatti baratee fi sagantaa fi poolisii Roomaaf baay'ee amanamaa ture.

**25:13ff** Kun ammas kan barsiisu barreeffamaa fi yaada barsiisa wangeela Luqaas keessa isa tokko, kunis kan agarsiisu kirisityaanummaan boodaa siyaasaa Roomaa akka hin turre (lakk. 25 madaali) jaarraa 1ffaa kurnan darbanitti kiristiyaanummaa akka shaakala amantii Juudizimiitti ilaalamaa ture, kunis akka amantii seeraatti Roomaadhaan galateeffamaa ture. Roomaan walitti bu'iinsa warreen amantii Yihudootaa hordofan gidduutti akka ta'u hin barbaranne!

**25:18 "himata isaa irratti banan yakkicha akka itti yaadameee ture miti"** Kun kan mul'isu bal'inaa fi haala jireenya mormitoota Yihudootaa mul'isa. Kunis siyaasa miti, garuu kan amantiiti.

**25:19 "amantii"** Kun hiikan irraa isaa jecha tiishoo kan 'sodaaa" fi "waaqa tolfamaa" kana jechuun "kan hundumaa danda'u" kunis kan dura buutoonni Roomaa waa'ee amantii Yihudootaa itit yaadan ture. Haa ta'u malee, Feestusi fedhii Yihudootaa kabajamoo arrabsuu… hin qabu. Kanaafuu jecha wallaalchisaatti fayyadamee (Phaawuloosiis akkasuma, 17:22).

▣ **"waa'ee nama du'ee, Yesuus, kan Phaawuloos isa jiraataa ta'uu mirkaneesse"** Du'aa ka'uun kanneen walakkeessa utubara lallaba sagalee Waaqayyoo keessaa isa tokkodha (barsiisa Macaafaa, mata duree addaa 2:13 iaali) Hojii Ergamootaa keessatti (26:8 madaali). Kiristaanummaan ni dhaabbata moo ni kufaa mirkaneessuu barumsa Macaafa Qulqulluu kanarratti (1Qor. 15 madaali)

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 25:23-27**

**23Egaa, guyyaa itit aanutti yemmuu Agirippaan Beernisii wajjin dhufe sirna ho'aa guddatu gidduu ture, ajajootaan eegamanii fi namoota bebeekamoo magaalaa wajjin bakka galma walgahii seenan, ajaja Fiistusiin, Phaawulos gara keessaatti geeffame. 24Feestuus akkas jedhe "Mootii Agiriippaa, akkasumas kabajamtoonni hundumtuu kan asitti nu wajjin argamtan, nama kana ni agartuu waa'ee isaaf namoonni mrtuu iyyata natti fidani, asii fi Yeruusaalemitti, sagalee guddaadhaan akka inni yeroo dheraa jiraachuu hin qabne labse. 25Garuu akka argetti wanta murtaa'aa waa'ee isaa gooftaa koof barreessuuf wanta tokko hin qabu, kanafuu ani siduratti fiduun qaba, keessumaayyuu fuldura kee, mootii Agiriippaa, kanafuu, erga qorannoon raawwaee, ani wantan barreessuun qaba. 27Mana adabaatti erguuf kan hin fakkaanne natti fakkaata, kan himata isatti baname hin ibsine"**

**25:23** Wangeela barsiisuun maal carraa akkamiitii!

▣ **"Ajajoota"** Kun jecha Chiliyarkiiti, dura bu'a akuma jechuudha, akkuma senchuriiyoon jechuun dura bu'aa ykn jajaa dhibbara jechuu akka ta'e. yooseefas Antikii 19.12.2 kan gargaartuu ajaja waraanaa Qeesaar yeroo kana keessa ture irraa baranne. Kanaafuu namoota waraana shantu bakka kanatti ibsamuu danda'e.

**25:26 "Ani wanta murtaa'aa waa'ee isaa ibsu barreessuuf hin qabu"** Akkuma Liiyisaas, ajaja kan Yeruusaalem, Feestuus rakkoo walfakkaataa qaba ture. Inni seera Roomaan daangeeffamee ture warra Phaawuloositti ragaa bahan kan ragaa kamiyyuu wajjin ykn yaada seera raawwachiftuu barreessuuf, Phaawuloos dura buutota Roomaa kanneenitti dhoksaa/yaada dhokdataa qaba ture.

▣ **"Waaqa"** Kun hojii Giriikii Kuuriyoos, kana jechuun abbara qabeenyaa, obbo, bulchaa, kun akka qofaa dhaabbachuutti moggaasa Neeroof Kuuriyoositti fayyadameee jalqaba galmaa'eti. Moggaasni kun mootii Oktaaviyaan/Augustusii fi Tiibeeriyaasin balleeffamee ture. Sababni isaa akka itti dhaga'ametti baay'ee gara Laatinii Reeksii (mootii)tti dhahaatuuf ture. Kan ummata Roomaa fi seenaatii akka itti hin mijoofneef kakaase. Haa ta'u malee kun kan yeroo mara mul'ata yeroo Neeroo keessaa fi Neeroo boodaati. Veespaariyaanii fi Tiituus ofii isaanii ibsuuf (Yaa'iqoob S. jeeffeers, *Addunyaa Giriikoo-Roomaa* ful. 101) jecha 'fayyisaa" fi doomishiyaan itti fayyadamaa turan. Jechi Kuriyoos ilaalcha ittiin kirisityaanummaa sodaaachisuu kanneen jecha Yesuus Kiristoos qofatti fayyadamuu danda'an. Barbarachisummaa waadaa kan amanamummaa Roomaa eeguuf jecha kanatti fayyadamuu didan.

▣ **"Qorannoo booda akkas ta'a"** Jechi kun *sabarastoos*, kan Giriikii wajjin walqixa ta'ee kan Laatiiniin Augustus jedhamu ture" Hundeen dhufaatii isaas "Waaqeeffachuu, jajachuu" "Jaallate, itti amane" "kabaja guddaa ilaale" ykn "itti amanuu" Dh.K.B bara 27 keessa octaaviyaan Seneetiidhaan jalqabaraf itti fayydamaa ture. Asitti Neeroon itti fayyadamaa ture. Neeroon amantii kan mootiin waaqeeffatu babal'isuuf yadee.

## GAAFFILEE MARII

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Quqlulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa ofii isaa laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen kun kah dhiyatan akka ati dhimoota gurguddoo Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee yaaduuf si gargaaruufidha. Gaaffileen kun yaada kaasuu malee ibsa irratti hin laatan.

1. Maaliif dura butoonni Yihudootaa Phaawulosiin sodaaatuu fi jibbuu?
2. Hojii Ergamootaa barreessuu keessatti yaadni Luqaas boqonnaa kana keessatti akkamittiin ibsame?
3. Faccisa ofii isaa irra fuuldura Agirippaa fi Beerniisitti godhuuf yaadni/kaayyoon Phaawuloos mala turee?

# HOJII ERGAMOOTAA 26

## HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIIRUU IRRATTI HUNDAA'E

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Phaawulos Agriphaa fuulduratti ofii isaatiif falmata | Jireenya Dursaa Phaawuloos | Phaawulos Agiriphaa fuulduratti ni ittisa (25:13-26:32) | Phaawuloos Agriphaa fulduratti ofii isaatiif falmata | Phaawuloos Mootii Agriiphaa mul'ata 25:13-26:1 |
| 26:1-11 | | | | |
| | 26:1-11 | 26:1 | 26:1 | |
| | | | | Haasaa Phaawuloos Mootii Argiiphaa fulduraa |
| | | 26:2-3 | 26:2-3 | 26:2-3 |
| | | 26:4-8 | 26:4-8 | 26:4-8 |
| | | 26:9-11 | 26:9-11 | 26:9-11 |
| Phaawuloos jijjiiramuu amantii isaat hima | Phaawuloos jijjiiramuu amantii isaat namatti odeessa | | Phaawuloos jijjiiramuu amantii isaat hima | |
| 26:12-18 | 26:12-18 | 26:12-18 | 26:12-28 | 26:12-18 |
| Dhuga ba'uumsa Phaawulos Yihudootaa fi Ormoota | Jireenya jijjiiramuu Phaawuloos boodaa | | Phaawuloos waa'ee hojiisaa ni hima | |
| 26:19-23 | 26:19-23 | 26:19-23 | 26:19-23 | 26:19-23 |
| Phaawulos Agirphaan akka amanuuf ni gaafata | | | | Deebii Dhaggeeffattoota Isaa |
| 26:24-29 | 26:24-29 | 26:24-29 | 26:24 | 26:24-29 |
| | | 26:30-32 | 26:25-27 | |
| | | | 26:28 | |
| | | | 26:29 | |
| 26:30-32 | 26:30-32 | | 26:30-32 | 26:30-32 |

**DUBBISA MARSAA SADAFFAA ("A guide to good Bible reading" fuula vii irraa)**
*SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARA HORDOFUU*

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabara hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. kkk

**QOO'ANNAA DUBBII FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 25:1**
**1 Agriiphaan yommuus Phaawuloosiin, "ofii keetii dubbatachuu ni dandeessa" jennaan, Phaawuloos harkasaa facaasee falmachuutti ka'e.**

**26:1 "harkasaa facaasee"** Inni kun sochii nageenyaatiif seensa nama haasaa beekuuti (cf. HoE 12:17; 13:16 fi 21:40 sochiiwwan harkaa bakka ixyyeeffannaa fi callisuuf faayidaarra oolanitti.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 25:2-3**
**2 "yaa Agriiphaa mootii, har'a fuula keetti, waan Yihudoonni ittiin ana hadheessan hundumaa falmachuudhaaf dhi'aachuu kootiif ayyaantuuttan of lakkaa'a. 3 Caalaadhumatti iyyuu immoo amala Yihudootaatii fi dubii tokko tokko irratti wla diduu isaanii, gaarii gootee waan ati beektuuf nan gammada, kanaafis obsaan akka anaaf dhaggeeffattuuf sin kadhadha.**

**26:2-3** Paawuloos haala sirrii fi nama sossobuutiin, akkuma qorannoo ragaa Felix (24:10) dura raawwatetti, ittisa isaa ni beeksisa. Muuxannoon Sanhedrin dura ture hammam milkaa'aa akka hin turre ni yaadate (cf. 23:1-10).

**26:2 "waan Yihudoonni ittiin ana hadheessan hundmaa"** Agriiphaa 2 itti gaafatamaa mana Qulqullummaa fi lubumma tureera. Hammaiyyuu Roomaa duraa fi Roomaa keessatti baratullee, inni amantii walxaxaa Yihudootaa hubatee jira (cf. lakk. 3).

▣ **"ayyaantuu"** Inni kun tokkoon tokkoon jecha ulqullummaa Maatewoos 5 fi Faarsaa 1:1 bara dullumaa wal barsiisu wajjin tokkuma.

**26:3**
**NASB, NKJV** **"amalaa fi dubbii tokko tokko hunda"**

| | |
|---|---|
| **NRSV** | **"amalaa fi waldiduu hunda"** |
| **TEV** | **"amala yihudootaatii fi mormii isaanii hunda"** |
| **NJB** | **"amalaa fi diddaa"** |

Jechi jalqabara *ethōn*, isarraayis jecha Afaan Oromoo "gosa ykn kabaja aadaa gartuu namoota adda ta'anii jedhu arganna. Jechi lammataa yeruma hunda HoE keessatti kan faayidaarra oolu waa'ee mormii fi atakaaroo barsiisummaa amantii Yihudootaa irratti ka'uudhaafi (cf. 15:2; 18:15; 23:19; 25:19; 26:3). Sababa jaarraa jalqabara Amantii Yihudootaa keessatti gartuuwwan mormii danuun jiraataniif wantoonni kunniin waan hin baratamne hin turre. (Saaduqoonni, Fariisonni dabalatanais gartuuwwan mormii ti'oolojii warra Shaammii fi Hellel), fi warra inaaftoota.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 26:4-8**

**[4]Xinnummaa kootii jalqabee saba koo gidduutti, Yeruusaalemittis attamitti akkan jiraadhe, Yihudoonni hundinuu ni beeku. [5]Warri durumaa na beekan yoo fedhan, amala sagada keenyaa keessaa akka kan warra baay'ee jabeessanii amantii cimsanii, akka kan warra Fariisotaatti, jiraachuu koo dhugaa ba'uu ni danda'u. [6]Amma immoo sababii abdii isa Waaqayyo aboota keenyaaf kenneef, ani badhaadheeffamee firdii eeggachaan jira. [7]Abiddichis isa gosi saba keenyaa kudha lamaanuu eeggataniidha; isaan isa bira ga'uudhaaf guyyaa fi halkan dhimmanii Waaqayyoof ni hojjetu. Ani immoo waa'ee abdii kanaafan warra Yihudootaatiin hadheeffama, yaa mootii. [8]Waaqayyo warra du'an kaasuun isaa yoo isin biratti maaliif waan hin amanamne ta'ee lakkaa'ama?**

**26:4 "akkamittiin akkan jiraadhe Yihudoonni hundinuu ni beeku"** Phaawuloos isa kana si'a baay'ee irra deddeebi'ee jira (cf. HoE 22:3-5; 23:1; 24:16; 25:8). Phaawuloos Yeruusaaleemitti Yihudoota keessatti jireenya fakkeenya ta'u jiraatee ture (cf. lakk 5).

▣ **"saba koo"** Iddoo itti Phaawuloos guddate ta'uu isaa hin mirkaneeffanne. Inni kun (1) Tarsee Cilicia yookii (2) Yeruusaalem eeru ni danda'a.

**26:5 "yoo"** Inni kun hima HAALA RAMADDII SADAFFAA isa hiikkaan isaa gochaa humna cimaa ta'edha. Qabiyyee kana keessatti akka isaan waa'ee isaa yeroo darbee dhugaa ba'uu danda'an ni beeka, haa ta'uyyuu malee isaan sana hin goone.

▣ **"warra baay'ee jabeessanii amantii cimsanii, akka kan warra Fariisotaatti"** Inni kun amantii ti'oolojii Amantii Yihudaa isa yeroo bara warra Maqaabotaa mul'ate ture. Inni kan ta'e aadaa baramaa daddarbara dhufe ofoolaanii fi barreeffameen ture. Mata duree addaa ta'e 5:34 ykn 15:15 irratti ilaalaa.

**26:6 "abdii isa Waaqayyo abboota keenyaaf kenneef"** Inni kun raajummaa Kakuu Moofaa (1) dhufaatii Masihichaa ykn (2) du'aa ka'uu fooniit eera (cf. 23:6; 24:15, Iyyoob 14:14-15; 19:25-47; Dan. 12:2). Phaawuloos "karicha" akka fiixaan ba'uu (raawwii) Kakuu Moofaatti ilaale (cf. Matt. 5:17-19; Gal. 3). Mata duree Addaa ilaalaa: 2:25 fi Keerygma 2:14 irratti.

**26:7 "gosi saba keenyaa kudha lamaanuu"** Sanyiin gosaa (ijoolleen Yaaqoob) Yihudootaaf baay'ee barbarachisaa ture. Gosonni kurnan gara kaabara danuun isaanii bittaa Asoorotaa jalaa (722 DKB) gonimaa hin bane ture. Odeeffannoo gosaa hamma ta'e Kakuu Haaraa irraa ni beekna.

1. Maariyaam, Yoseef, fi Yesuus gosa Yihudootaa turani (cf. Matt. 1:2-16; Luq. 3:23-33; Mul. 5:5)
2. Gosni Haannaa Asher ta'uu isaatu ibsame (Luq. 2:36)
3. Gosin Phaawuloos Beniyaamin ta'uu isaatii ibsame (cf. Rom. 11:1; Phil. 3:5).

Herood inni cimaan kanaaf ni inaafa ture, akkasumas immoo galmeewwan Mana Qulqullummaa kanneen qaccee sanyii agisiisanii fi gubatan ni qaba ture. Mata duree Addaa; kudha lama 1:23 keessatti ilaalaa.

▣ **"abdichis"** Namni tokko sirrumatti abdii Phaawuloos eeraa jiru ni dinqisiifata. Qabiyyee irra jireenya irraa kan ka'es du'aa ka'uus yaaduu ni danda'a. Mata duree addaa abdii 2:25 irratti ilaalaa.

▣ **"guyyaa fi halkan dhimmanii Waaqayyoof ni hojjetu"** Phaawuloos gartuu sanyii isaa ni jaal'ate (cf. Rom. 9:1-3) YHWHf hojjechuuf yaaluun isaanii hammam ulfaataa akka ta'e inni ni beeke. Inni dabalataanis waa'ee seerummaa, diddaa amantii, fi faayidaa namoota warra yerootiif barbarachisuu adda barasee ni beeka ture.

"Guyyaa fi Halkan" akkaataa dubbii miira oo'aa fi yeruma hundaat ture (cf. 20:31; Luq. 2:37).

**26:8 "isin biratti maaliif waan hin amanamne ta'ee lakkaa'ama"** Phaawuloos gartuuwwan lamaaf dubbachaa jira. (1) Agriiphaa fi Yihudootaa kan biro ammaa fi (2) Ormoota ammaa kanneen akka Feesxosiif.

▣ **"yoo"** Inni kun hima HAALA RAMADII TOKKOFFAA isa ilaalcha barreessichaatirraa fi akeeka isa bilisa taerraa ka'uun dhugaa akka ta'etti kan yaaddamudha.

▣ **"Waaqayyo warra du'an kaasuun"** Gaaleen kun kan dubbatu waa'ee abdii Yihudootaa du'aa ka'uu waliigalaati, garuu Phaawuloos du'aa ka'uu Kiristoos addatti yaada garaa isaa keessaa qaba ture (cf. 1Qor. 15) Saaduqoonni mormitoonni kunniin qabxii kanarratti garmalee kan aaran ta'uu ni malu ture (cf. 23:1-10)

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 25:9-11**

**9 Ani iyyuu ofii kootii karaa anaaf danda'ame hundumaan, maqaa Yesuus nama Naazireet kanaan mormuun hojiidhuma kooti, jedhee fudhadheen ture. 10 Yesuuraalemittis kana gochaan ture. Aboo ani luboota warra angafoota irraa argadheenis, qulqulloota Kiristoos keessaa baay'ee mana hidhaatti galcheen ture. Kana duwwaas otuu hin ta'in, yeroo isaan ajjeefamuuf turanitti warra isa irratti walii gale keessaa tokkoon ture 11 Si'a baay'ees manneen sagadaa hundumaa keessatti adabamanii, akka isaan amantii isaanii ganan gochuu yaalaan ture; isaanitti banbanaa, hamma mandaroota biyya Ormaatti illee isaan nan ari'adhan ture.**

**26:9** Phaawuloos (*egō* "Ani *emantō* "ofii koo") jedhee isa inni fedha Waaqayyoo akka hin taane hubatu cimina amantii irraa isaan dabsuu isa ni amana (cf. 1Xi. 1:13). Hordoftoota Yesuus ari'achuudhaan Waaqayyoof hojjechaa fi Waaqayyoon gammachiisaa akka tureetti ni yaada ture. Addunyaan Phaawuloosii fi ilaalchi addunyaa dimshaashumatti karaa Damaasqos irratti ni geeddarame (cf. HoE 9).

▣ **"Yesuus nama Naazireet"** Mata duree Addaa 2:21 fi 2:27 iraa ilaali.

**26:10 "qulqulloota"** ifumana ifa inni kun "warra qulqullaa'ani" Phaawuloos amma kanneen inni ari'atee fi ajjeese, saba Waaqayyoo sirrumatti ni beeka! Kan rifachisu, kan gaddisuu.

Wanti rifachiisu, gaddisiisuu fi san ibsuusaa mul'ata Phaawuloos isa Damqaasoos, kallattiin waliigala yaada fi jireenya haaraa ta'uu mala ture. Mata duree Addaa 9:13 irratti ilaali.

▣ **"aboo.. argadheenis",** Phaawuloos sanhedriniif "abbara taayitaa" ari'ataa ture.

▣ **"yeroo isaan ajeeffamuuf turanitti"** Inni kun kan argisiisu fedha olaanaa ari'atamuuti. "Karichi" yaada salpha hin turree; inni yaada jireenyaa fi du'aati ture ammayyuu akkasuma!

▣ **"warra isa irratti walii gale keessaa tokkoon ture"** Inni kun Giriikii keesatti waliigala beekamaa Sanhedrinfis ta'ee ykn mana sagadaa naannoo sanaatiif jecha tooftaati. Garuu immoo sababa manni sagadaa naannoo sanaa yaada du'aa irratti walii galuu hin dandeenye/hin malleef, inni Sanhedrin ta'uu ni mala ture. Otuu inni sun Sanhedrin keessatti, silaa Phaawuloos ni fuudha ture. Jechichi sirrumatti "cirracha tokko" jecha, isa guraacha ykn adii tokko filachuuf walii galuuf faayidaarra oolee ture (cf. Mul. 2:17).

**26:11 "yaalaan ture"** Inni kun caasluga jecha Giriikii keessatti "IBSA YEROO GUUTUU HIN TAANE" hiikkaan isaas dirqisiisuuf ykn humna argisiisuuf jechuudha (cf. 28:19), garuu asirratti inni akka yaada yaallameetti hojiirra oole. Inni kan eeru gochaa asiin dura godhame irra deebi'ame tokko.

▣ **"akka amantii isaanii ganan"** Saa'ol amantii isaanii Yesuus Masihii ta'uu isaa ifumaan ifatti akka mirakeneffateen isaan dirqisiisuu jalqabee sana boodas immoo isaan balaaleffate.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"banbanaa'uu"** |
| **NKJV** | **"caalaatti banabanaa'uu** |
| **NRSV** | **"Ani baay'een banana"** |
| **TEV** | **"Ani baay'ee lole"** |
| **NJB** | **"Aariin ani isaanitti aare baay'ee guddaa ture"** |

DABALA GOCHIMI ("caalaatti dabalata") kunii fi PAARTICIPLE (GIDDUGALA YEROO AMMAA [deponent] baay'ee hima baay'ee cimaadha. Feesxosi Phaawuloosiif hidduma walfakkaatu ni fayyadama (i.e dubbii aarii 26:24 keessaa).

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 26:12-18**
**[12]Utuun kanatti jiruus aboodhaa fi ajaja lubootaa warra angafoota biraa fudhadhee, mandara Damaasqoo nan dhaqan ture. [13]karaa irrattis yaa mootii, ifni ifa aduu irra caalu Waaqa irraa naannoo koottii fi naannoo warra anaa wajjin adeemanitti utuu ibsuun arge. [14]Hundumti keenya lafa dhoofne, afaan warra Yihudootaatinis sagalee, "Saa'ol! Saa'ol! Maaliif ana ari'atta?" shuukkaa qaramee dhaabatu irra yoo ejjette si waraana anaan jedhun dhaga'e. [15]kana irratti ani, 'Eenyu ati, gooftaa?' jedheen gaafadhe, gooftaanis deebisee, 'Ana Yesuus, kan ati ari'achaa jirtu. [16]Amma garuu ka'ii miilla keetiin dhaabadhu! Anaaf hojjetaa akka tatuuf si kaasuudhaafan sitti mul'adhe; waan argitee fi waan sitti mul'achuuf jiruuf dhuga-baatuu ni taata. [17]Warra ani itti si erguuf jiru hundumaattii, saba Waaqayyo kanatti, saba warra kaaniittiis sin oolcha. [18]Dukkanattii gara ifaatti, aangoo seexanaa jalaas, gara Waaqayyootti haa deebi'aniif, ija isaanii ni banta, anatti amanuudhaanis dhiifamuu cubbuu isaanii argatanii, warra qulqullaa'an gidduuttis dhaala isaanii haa fudhataniif sin erga anaan jedhe.**

**26:12** Phaawuloos dhuga ba'umsa mataa isaa HoE. 9:1-31; 22:3-21 akkasumas asirratti si'a sadii ni galmeessa. Araarrii fi filannoon Waaqayyo Saa'oliif qabu baay'ee ifa ture. Waaqayyo Kiristoosiin erga nama kanaaf dhiisee itti dhimma ba'ee. Inni siifis dhiisee dhimma sitti ba'uu ni danda'a.

**26:13** Yaadannoo guutuu 9:3 keessaa ilaali.
Iddoowwan sadan bakka Phaawuloos jijjiirama amantii abootas dabalatee hunda keessatti waa'ee Phaawuloos HoE keessatti bareesse sirrii ta'uu isaa ibsoota keessatti addumma addaan dhugaan ni jira.

**26:14** Yaadannoo guutuu 9:4 keessaa ilaali

> Frang Stagg,*Ti'oolojiin Kakuu Haaraa* walitti dhufeenya lamaan isaanii Yesuus fi Waldaa Isaa gidduu jiru irratti keeyyata guddaa tokko ni qaba.
>
> "Firdii ilaalchisee dhugaan baay'ee barbarachisaan isa nuti qunnamtii Kiristoosiin qabnu keessatti nutti fardaameedha. Deebisees, Inni kun firdii qunnamtii saba isaa keessatti fardaameedha. Michoomni keenya inni dhugaan isaa wajjin qabnu michooma keenya ummata Isaatiif qabnu keessatti ni calaqqisa. Isaan tajaajiluun Isa tajaajiluu isaan dhiisuun Isa dhiisuudha. (Mat. 25:31-46). Kakuu Haaraan nama tokkoyyuu akka michooma isaa Kiristoosiif namoota kan birootirraa addaan barasu gonkumaa hin heyyamu. Isaan ari'achuun Isa ari'achuudha (HoE 9:1-2,4-5; 22:4,7-8; 26:10-11,14-15). Obboloota irratti cubbuu hojjechuun Kiristoos irratti cubbuu hojjechuudha (1Qor. 8:12). Hammamiyyuu hojiilee keenyaan fayyuu barannullee, michooma dhugaa Kiristoosii fi ayyaana Isaatiif qabnu isa dhugaa waan calaqqisiisaniif, isaaniin nutti fardaama. Warri namaa oo'an haa gammadan, isaan oo'a ni argatu (Mat. 5:7) (p. 333).

▣ **"afaan warra Yihudootaatiin"** Dhuga ba'umsa Phaawuloos sadan HoE keessatti inni kun isa ibsa waa'ee Yesuus bal'inaan afaan Aramaayikii dubbachaa ibsame isa tokkoodha.

▣ **"Saa'ol, Saa'ol"** Inni kun dhuma walakkaa W. 14 fi dhuma W. 15 akkasumas WW. 16-18 keessatti dubbii Yesuus Phaawuloositti karaa Damaasqoo irratti dubbate irraa fudhatame.

▣ **"shuukkaa qaramee dhaabatu irra yoo ejjette si waraana"** Gaaleen kun qabiyyee kanaaf waan addaati, sababa mammaaksa Yihudootaa otuu hin ta'in, kan warra Giriikii/Laatinii tureef ta'uu ni danda'a. Phaawulos yeruma hundaa namoota akkamiitti akka dubbataa turee fi akkamittiin akka isaaniin qunnamu ni beeka ture!

Inni kun kan eeru (1) ulee kanneen warra sangoota akka gaarii ykn meeshaa qonnaa harkisaniif qophaa'an ykn (2) hidhaa isa beelladichi duubatti akka nama hin dhiinne gaarii ykn saragaallaa irratti hidhamuun ittisu. Fakkeenyi kun ddammaqiinsa humna Waaqummatiif waa'ee barasuu dhiisuu ilma namaa argisiisuudhaaf hojiirra oole.

**26:15** Yaadannoo raawwate 9:5 irraa ilaalaa

▣ **"Yesuus kan ati ari'achaa jirtu"** Inni kunkan argisiisu walitti dhufeenya cimaa Yesuusii fi waldaa kiristiyaanaa Isaa gidduu jiruudha (cf. Mat. 10;40; 24:40,45). Isaan miidhuun Isa miidhudha.

**26:16 "amma garuu ka'ii, miilla keetiin dhaabadhu!"** Kunniin lamaanuu AORIST ACTIVE IMPERATIVES. Inni kun kan fakkaatu waamicha raajummaa isa baay'ee beekamu Ermiyaas 1:7-8 f Hisqi'el 2:1.3.

▣ **"sikaasuudhaafan sitti mul'adhe!"** Waaqayyo hojii manaa addaa tokko Phaawuloosiif ni qaba ture. Jijjiiramuu amantiifi waamichi Phaawuloos waan baratame miti, kan baratameen ala malee! Araarri Waaqayyoo haala humna qabeessa ta'een akkasumas filannoon Waaqayyoo Mootummaa Waaqayyootiif tajaajilaa fi guddina mootummaa Waaqayyootiif ibsame.

▣ **"sitti mul'adhee…sitti mul'achuuf jiruuf"** Kunniin lamaanuu bifa *horaōdha*. Inni jalqabara AORIST AGARSIISAA KALLATTII MALEE yoo ta'u, kan lammataa immoo AGARSIISAA KALLATTII MALEE ISA FUULDURAAti. Gama tokkoon Yesuus fuuldurri namoomaa Phaawuloos tasa argamuuf waadaa gala jira. Phaawuloos yeroo tajaajila isaatti mul'atoota Waaqummaa danuu qaba ture (cf. 18:9-10; 22:17-21; 23:11; 27:23-24). Phaawuloos dabalataanis yeroo leenjii Biyya Arabara isa Yesuusiin barates maqaa ni dhaha (cf. Gal. 1:12,17,18).

▣ **"si kaasuuf"** Inni kun kallattiidhaan yoo hiikamu "harkatti fudhachuuf" jechuudha. Inni sun mammaaksa kakuut ture (cf. 22:14; 26:16).

▣ **"dinqii fi dhugaa ba'uu"** Jechi jalqabara kallattiidhaan yoo hiikamu doonii irratti "kan jalaa-dhahu" "under rower" kan jedhudha. Inni sun tajaajilaadhaaf mammaaksaan akka faayidaarra ooluuf dhufe.

Jecha lammataa, martus irraa jecha Afaan Oromoo "ragaa ba'an" jedhu ni arganna. Inni hiikkaa dacha qaba ture;

1. Dhuga ba'aa (cf. Luq. 11:48; 24:48; HoE 1:8,22; 5:32,10:39,41; 22:15)
2. Ragaa ba'aa (cf. HoE 22:10)

Yaadachiisonni lamaanuu shaakala dhuunfaa Bartoota irra jireenyaa fi danuu isaanii fi amantoota danuu bara jireenya isaanii guutuuti!

**26:17 "sin oolcha"** Inni kun……..SAGALEE GIDDUU keessatti jechi kun yeroo baay'ee filachuu ykn fo'achuu jechuudha. Karaa sirrii ta'een inni kam hiikamu "fayyisuu, obbarafachiisuu" kan jedhutti (cf. 7:10,34; 12:11; 23:27). Kunuunsi ayyaantummaa Waaqayyoo asirratti kan mirkanaa'eedha. Phaawuloos akka jajjabaratuuf bara tajaajila isaatti kanniin keessaa mul'atoota danuu argate ture. Inni kun dubbisa dullumaa Isa 48:10 yookiin Erm. 1:7-8,19 ta'uu ni danda'a.

▣ **"saba Waaqayyoo kanattii, saba warra kaaniittiis"** Phaawuloos mormii gartuwwan lamaaniitiinuu dhiphachaa ture (cf. 2Qor. 11:23-27).

▣ "warra ani itti si erguuf jiru" "Ani"n sirriitti ifa ta'ee kan beekame (*egō*) dha as W.15 keessatti. GOCHIMNI *apostello* (GOCHA YEROO AMMAA ARGISIISAA KAN TA'E), isa irraayis jecha "Bartuu" jedhu argannuudha. Akkuma Abbaran Yesuusiin erge, Yesuusis dhua baratota Isaa, bartoota isaa ni erga (cf. Yoh. 20:21).

**26:18 "banuuf…haa deebi'aniif"** Kunniin lamaanuu AORIST DHUMAMALESSOTA. Inni kun tarii Isa. 42:7 kaasuu ni danda'a. Masihichi ija jaamootaa akka dubbii ciigootti ija hafuuraa ni bana (cf. Yoh. 9). Beekumsii fi hubannaan wangeelaa waamicha deebii fedhaa (qalbii diddiirrannaa fi amantii) dursuu qaba. Saxanni sammuu fi garaa keenya cufuuf ni yaala (cf. Qor. 4:4) akkasumas Hafuurichi isaan banuuf ni yaala (cf. Yoh. 6:44,65; 16:8-11).

▣ **"dukkanatti…aangoo seexanaa jalaas"** Tokkummaa isaanii qalbeeffadhaa. Angoon jecha Giriikii exousia, yeroo baay'ee taayitaa humnaa jedhamee hiikamuu danda'uudha (cf. NKJV, NRSV, TEV). Biyyi lafaa dhiibbara jal'ummaa namaa jala jira (cf.Efe. 2:2; 4:14; 6:10-18; 2Qor. 4:4; Qol. 1:12-13).

Kakuu Moofaa raajiiwwan Isaayyaas addatti, Masihichi warra jaamaniif ifa akka fidu kan ibsan ture. Ini sun karaa lamaanuu kallattiidhaa raajii mul'atuu fi dhugaa dhokatee si ture (cf. Isa. 29:18; 32:3; 35:5; 42:7,16).

▣ **"gara ifaatti… gara Waaqayyootti"** Tokkummaa isaanii qalbeeffadhaa. Namoonni durii dukkana ni jibbu ture. Inni sun isa hafuura hamaa ibsu ta'ee ture. Ifni, gama biraatiin bu'ee ni ta'e. Dubbifni gaariin kanaan walfakkaatu wangeela keessaa Yohaannis 3:17-21.

▣ **"isaanii argatanii"** Gaalee kana keessatti GOCHIMCHI AORIST DHUMA MALEESSA kan birooti. Kitaaba Giriikii keessa "tarii" kan jedhu wayiituu hin jiru (cf. TEV, NJB). Haalli tokkichi dubbisa kana keesa jiru keeyyata "Anatti amanuudhaan" jedhu qofaadha, Isa hima Giriikii keessatti xiyyeeffannaa kennuudhaaf dhumarra taa'udha. Eebbonni Waaqayyoo hunidnuu kan hudnaa'an deebii amantii ayyaana Isaatirratti (cf. Efe. 2:8-9). Inni kun Kakuu Haaraa keessatti haala kakuuwwan Kakuu Moofaatiin wal bira kan qabamudha.

▣ **"dhiifamuu cubbuu"** Luqaas yeruma hundaa jecha kana (aphesis) itti ni fayyadama.

1. Luqaas 4:8 keessatti inni luqqisa Isa. 61:1, iddoo hiikaa gadhiisuu jedhu qaburraa isa faayidaa Seera Ba'uu LXX calaqqiisiisa. (S.Ba'uu 18:2 fi Lew. 16:26).
2. Luqaas 1:77; 3:3; 24:47; HoE 2:38; 5:31; 10:43; 13:18; 26:18 keessatti isa jechuun "badii cubbuutirraa bilisa ta'uu" jechuu yoo ta'u, akkkaataa seera keessa Deebii 15:3 hiikkaa beektoota Macaafa Qulqulluu torbaratamanii LXX calaqisiisu, iddoo itti akka idea haquutti faayidaarra oole.

Itti fayyadamni Luqaas tarii Kakuu Haaraa Ermiyaas 31:34 calaqqisiisuu ni mala.

▣ **"dhaala isaanii"** Inni kun jecha Giriikii *klēros*, san jechuunis isa ifaajee dhala lafaa (cf. Lew. 16:8; Yonaas 1:7; HoE 1:26) akkuma uumama 48:6, Ba'u 6:8 fi Iya. 13:7-8 keessatti argisiisu jechuudha. Kakuu Moofaa keessatti warri Lewota lafa dhaalaa hin qaban ture, mandaroota 48 qofaatu qaba ture (cf. Kes. 10:9; 12:12), garuu immoo Gooftaa Mataan isaan dhaala isaaniit ture (cf. Lakk. 18:20). Amma Kakuu Haaraa keessatti amantoonni hundinuu luboota (cf. 1Phex. 2:5; Mul. 1:6). Gooftaan (YHWH) dhaala keenya; nuti ijoollee Isaati (cf. Rom 8:15-17).

▣ **"warra quqlullaa'an"** Inni kun PERFECT PASSIVE PARTICIPLE Amantoonni (abbootiin) amantii Kiristoositti kan qulqullaa'an ta'uu isaanii itti fufanii (cf. 20:21) Mata duree addaa 9:32 irratti ilaalaa. Sexannis ta'e humni hafuurri hamaan karaa kana fudhachuu hin danda'u (cf. Rom. 8:31-39).

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 26:19-23**

**[19]kanaafis yaa Agriphaa mootii, ani mul'ata isa Waaqa irraa anaaf dhufe jalaa hin dinne. [20]Jalqaba warra Damaasqootti, itti aansees warra Yeruusaalemitti, kana booddees kutaa biyya Yihudaa hundumaatti, warra saba geeddaratanii gara Waaqayyootti akka deebi'aniif, hojii yaada garaa geeddarachuu isaanii mul'isus akkahojjetaniif, isaanitti labseera. [21]Kanaaf Yihudoonni mana**

**qulqullummaa keessatti na qabanii na ajeesuu barbaadan. [22]Hamma guyyaa har'aattis Waaqayyo na gargaarran kunoo, jabaadhee dhaabadhee, xinnaadhaa fi guddaatti dhugaa ba'uuttan jira. Wanti ani jedhus, isuma rajonnii fi Muuseen ni ta'a jedhanii dubbatan malee, kan biraa miti. [23]Kiristoos dhiphachuun akka isa irra ture, Innumti immoo warra du'an keessaa dura bu'ee ka'ee, ifa isaa saba Israa'elitti, warra saba Waaqayyoo hin ta'inittis akka mul'ise dhugaa na ba'eef" jedhe.**

**26:19 "Kanaafis, yaa Agriiphaa mootii"** Phaawuloos nama kana wangeelaan ga'uuf yaalaa ture (cf. WW. 26-29)

▣ **"jalaa hin dinne"** Jechi Giriikii *peithōn* maqaa amnasiisuu Waaqaa isa warri Giriikii akka dubartiitti waamanirraa argame. Dubbisa kana keessatti, sababa "diddaa" argisiisuutiin isa isa sna jiraachuu isaa ganu ISA JALQABARA ni qaba (cf. Luq. 1:17,13; Rom. 1:30; 2Xim. 3:2; Titus 1:16,33). Knaaf, gama tokkoon, koine Giriik keessatti waan tokko jiraachuu isaa haquudhaaf waan baay'ee nama dirqisiisu ture, garuu immoo dubbisa kana keessatti, inni karaa bilisa isa abboomamuu Phaawuloos argisiisuudha!

▣ **"Mul'ata isa Waaqarraa"** Inni kun kan ibsu karaan Damaasqoo Phaawuloos Kiristoos du'aa ka'e, ulfina qabeessa ta'e waan hin yaadneeti ba'uu isaati.

**26:20 "Damaasqoo…Yeruusaalem"** Ergama Phaawuloos Damaasqoo keessaatiif HoE 9:19-25,27, ergamaa Phaawuloos Yeruusaalem keessaa fi ergama Phaawuloos Yihudaa ta'uu danda'u 9:31 keessatti ilaali.

▣ **"yaada garaa isaanii geeddaratanii, gara Waaqayyootti akka deebi'aniif"** Ergaan Phaawuloos kan Yohaannis cuuphaa (cf. Mat. 3:1-12; Mar. 1:4-8) ergaan Yesuus jalqabara (cf. Mar. 1:5) wajjin tokkuma ture.

Jecha Giriikii yaada garaa geeddarachuu jechuun yaada sammuu geeddaruu jechuudha. Jecha Ibrootaatiin gochaa geeddaruu jechuudha. Lamaanuu qalbii diddiirrannaa dhugaa keessatti faayidaarra oolani. Mata duree Addaa 2:38 keessatti ilaali. Fayyinaa fi qalbii diddiirrannaa (yaada ofiitirraa fi cubbuu irraa deebi'uu) fi amantii (gara Waaqayyoo Kiristoosiin deebi'uun, cf. W. 18; Mar. 1:15; HoE 3:16,18; 20;21; 26;18,20) gaaffiileen Kakuu haaraa (kanneen gaaffilee Kakuu Moofaa ta'an)dha.

▣ **"hojii yaada garaa geeddarachuu isaanii mul'isus akka hojjetaniif"** Haalli jireenya amanaa (PRESENT ACIVE PARTICIPLE) Kan argisiisu jalqabbii hojii amantii isaa/isheeti (cf. Mat. 3:8; Luq. 3:8; Efe. 2:8-10, Yaq. Fi 1Yoh.). Waaqayyo saba amala isaa calaqqisiisu tokko ni barbarada.

Amantoonni fakkaattota Kiristoos jedhamanii ni waamamu (Rom. 8:28-29; Gal. 4:19; Efe. 1:4; 2:10). Wangeelli kan namni tokko gammachuun itti dhufu, dhugaa waa'ee isa namni sun itti amanu, fi jieenya namni sun jiraachuuf jedhu fakkaatuudha.

**26:21** Inni sun ilaalcha barsiisa amantii Phaawuloos hin turre, garuu lallabni isaa isaanii fi isan "Ormoota" dabalatee (cf.W. 20) fincila Mana Qulqullummaa keessaatiif sababa ni ta'e.

▣ **"na ajjeesuuf barbaradaa"** Inni kun ARGSIISAA (deddeebifamee yaalame) GIDDUU GALEESSA (barreeffama seera murtii) HANQINA QABUU AORIST GIDDUU GALEESSA (ajjeessuuf) DHUMA HIN QABNEdha. Yihudoonni (cf. HoE 9:24) Asiyaa irraa (cf. 20:3,19; 21:27,30) yeroo baay'ee Phaawuloos ajjeesuuf yaalanii turan.

**26:22 "xinnaadhaafi gudaatti dhugaa ga'uu"** Inni kun ciigoo warra Seemii ni dabalata. Inni isa inni akka Waaqayyo nama kan kabaju akka hin taane (cf. Kes. 10:17, 2Sen. 19:7, yaadannoo guutuu 19:34 irratti ilaali) mirkaneeffachuu Phaawuloosi (akka kan Pheexiroos, cf. 10:38)dha. Inni dhala namaa hundattuu ni lallaba.

▣ **"isuma Raajonnii fi Muuseen ni ta'a jedhanii dubbatan malee"** Ergaan isaa fi hordoftoonni (i.e Omroonni) argannoo akka hin taane ejjannoo jabeeffatee hubachiisaa jira. Raajiii Kkauu Moofaa malee. Inni salphaadhumatti qajeelchoota, kakuuwwanii fi dhugaawwan Kakuu Moofaati hordofaa jira.

**26:23** Ergaan Phaawuloos kutaawwan sadi'iin kan argame ta'uu isaa qalbeeffadhu. (1) Masihichi dhiifamuu cubbuu dhala namaatiif dhiphate, (2) du'aa ka'uun Masihichaa du'a aka'uu amantoota hundaaf ija jalqabarat ture; akkasumas (3) oduu gammachiisaan kun Yihudootaa fi Ormootaaf ture. Hojiin ti'oolojii kanneen sadan kunniin waraabbii 20 isa akka itti nuti dhuunfaatti Kiristoos fudhannu (qalbii diddiirrannaa, yaada garaa ofii fi cubbuu irraa deebi'uu; amantii, Kiristoosiin gara Waaqayyootti deebi'uu) wajjin walitti dabalamuu qabu.

▣ **"Kiristoos dhiphachuun akka *isa* irra ture"** Inni kun Yihudootaaf guufuu ture (cf. 1Qor. 1:23), garuu immoo inni raajii Kakuu Moofaa ture (cf. Uma. 3:15; Far. 22; Isa. 53).

Jechi Giriikii "Kiristoos" aankii Ibrootaa "Masihicha" jedhu ni calaqqisiisa. Phaawuloos Inni fannifamee ture, dhugumaan Kiristoos ture, kan kakuun galameefi ture, kan Dibamee ture Yesuus akka ta'e dhugaa ta'uu isaa cimsee ni dubbata (cf. 2:36, 3:6,18,20; 4:10,26; 13:33; 17:3; 26:23).

▣ **"yoo…yoo"** Inni kun HIMA HAALA IRRATTI HUNDAA'E tokko ykn gaaffii tokkoo miti, garuu immoo mirakannoowwan "isa" "ei" ykn "yoo…ta'e" (ei)dhaan beeksifamu.

▣ **"*Innumti* immoo warra du'an keessaa dura bu'ee ka'ee"** Sababa barreeffama kanaati fi Rom. 1:4 achitti shakkiin durii inni "baratamaa" jedhamee waamamu, inni Yesuus namaa jireenya gaariidhaaf du'aa ka'uudhaan badhaafame jedhamee dubbatamutu dagaagee ture. Haa ta'u malee, barsiisni Kiristoos dhugaa irraa gore kun barreeffamoota waa'ee isaa durumaa turan, kanneen akka Yoh. 1:1; Fil. 2:6-11; Qol. 1:15-17; fi Ibr. 1:2-3 hundaaf xiyyeefannaa kennuu dhabanii turani. Yesuus yeruma hundaa jiraateera, Inni yomiyyuu Waaqayyo; Inni yeroo sanatti akka namaa foon namaa uffifame.

▣ **"ifa"** Ifni bakka buusa dhugaa fi qulqullummaa duriiti (cf. W. 18; Isa. 9:2; 42:6-7).

▣ **"saba Isiraa'elitti, warra saba Waaqayyoo hin ta'inittis"** Gartuuwwan lamaanifuu wangeela tokko duwwaatu jira (cf. Efe. 2:11-3:13). Inni kun dhoksaa isa waggoota jalaa dhokatee ture, amma garuu guutummaan guutuutti Kiristoos keessaan ibsame. Dhalli namaa hundumtuu akka fakkeenya Waaqayyo uumaa isa tokkichaan uumamne (cf. Uma. 1:26-27). Uumamni 3:15 Waaqayyo namooma kufeef fayyina akka dhiheessu kakuu ni gala. Isaas ?????? hundumaaf ta'uu Masihichaa ni mirakenessa (fakkeenyaaf Isa. 42:4,6,10-12; 45:20-25; 49:6; 51:4; 52:10; 60:1-3; akkasumas immoo dabalataan Mik. 5:4-5).

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 26:24-29**

**[24]Erga Phaawuloos akkasitti falmatee, Fesxoos sagalee guddaadhaan, "Phaawuloos, qalbiin kee butameeraam, barumsa guddaatu qalbii kee bute" jedhe. [25]Phaawuloos immoo deebisee, "Anaanoo, qalbiin koo hin butamne yaa ulfaataa Fesxoos! Ani dubbii dhugaa qalbii guutuudhaan nan dubbadha. [26]Agariphaa mootichi waa'ee dubbii kanaa hundumaa beeka, isattis ani ofi irraa bu'eetan dubbadha; kana hundumaa keessaas wanta suuqatti hojjetame waan hin ta'iinif, dubiin tokkichi illee kan isa jalaa ba'e, akka hin jirre nan amana. [27]Yaa Agriiphaa mootii dubbii raajotaatti ni amantaa? Anuu beeka akka ati amanu" jedhe. [28]Agriiphaan yommus Phaawuloosiin "yeroodhuma gabaabduu keessatti kiristiyaana na godhuuf jetta" jedhe. [29]Phaawuloos deebisee, "yeroo isaa gabaabatus, dheeratus, si duwwaa iyyuu utuu hin ta'in, warri har'a na dhaggeeffatan hundinuu, hidhamuu koo irraa kan hafe, akka koo akka ta'an Waaqayyoon nan kadhadha" jedhe.**

**26:24 "Fesxoos sagalee guddaadhaan jedhe"** Ergaan Phaawuloos isaaf kan hin amanamne ture. Ilaalchi biyya lafaa fi aadaa isaa, barumsii fi taayitaan isaa dandeettii hubachuu isaa wal duraa dhahani.

▣ **"barumsa guddaatu qalbii kee bute"** Marfanni karaa kanaa gadi fageenya, iftoomaa fihaala ittisa Phaawuloos amansiisu ni argisiisa.

**26:25 “dubbii dhugaa qalbii guutuudhaa”** Jechi Giriikii *sōphrosunē* jechoota Giriikii lama “dubbii” fi “qalbii irraa dhufe. Isaanis hiikkaa raawwii jireenyaa fi yaaduu mdaalame jechuudha. Inni fallaa “yaada keetiin ala” fi “qalbiin butamuu”ti (cf. W.24).

▣ **“dhugaa”** Mata duree Addaa armaan gadii ilaali.

**MATA DUREE ADDAA: “DHUGAA” BARREEFFAMOOTA PHAAWULOOS KEESSATTI**

Itti fayyadamni jecha kanaa Phaawuloos fi akkaataan walitti firooma isaas kan dhufe wal qixa Kakuu Moofaa isaa, *emet*, innis amanamaa ykn abdatamaa jechuudha. Barreeffamoota keessa Macaafa Qulqulluu Yihudootaa keessatti inni kijibaan fagginamaa faayidaarraa oolaa ture. Tarii kan walitti dhiheenya baay’ee cinaayaa maramaa Galaana Du’aa “Faaruu Galataa” iddoo itti inni barsiisa ibsameef faayidaarra oole ta’uu ni mala. Miseensonni Hawaasaa irra jireenyi “dhuga baatota dhugaa” ni ta’ani.

Phaawuloos jechicha akka tooftaa agarsiisaa wangeela Yesuus Kiristoositti.

1. Roomaa 1:18,25; 2:8,20; 3:7; 15:8
2. 1Qorontoos 13:6
3. 2Qorontoos 4:2; 6:7; 11:10; 13:8
4. Galaatiyaa 2:5,14; 5:7
5. Efesoon 1:13; 6:14
6. Qolaasiyaas 1:5,6
7. 1Tasolonqee 2:10,12,13
8. 1Ximotewos 2:4; 3:15; 4:3; 6:5
9. 1Ximotewos 2:14,18,25; 3:7,8; 4:4
10. Tiitoo 1:1,14

Phaawuloos dabalataanis jechicha akka toftaa sirrii ta’uu dubbii isaatti itti dhimma ni ba’a.

1. HoE 26:25
2. Roomaa 9:1
3. 2Qorontoos 7;14; 12:6
4. Efesoon 4:25
5. 1Ximotewos 1:18
6. 1Ximotewos 2:7

Inni dabaaltaanis 1Qor. 5:8 keessatti fedha isaa fi haala jireenyaa (kiristiyaanota hundumaafis) ibsuuf Efe. 4:24; 5:9; Fil. 4:8 keessatti itti ni fayyadama. Inni yeroo tokko tokko sabaafis itti dhimma ni ba’a.

1. Waaqayyo, Rom. 3:10 (cf. Yoh. 3:33; 17:17)
2. Yesuus, Efe. 4:21 (Yohaannis 14:6 wajjin tokkuma)
3. Dhuga ba’umsa Bartummaa, Tiitoo 1:13
4. Phaawuloos, 2Qorontos 6:8

Phaawulos duwwaatu jechichatti bifa gochimaatiin (i.e *alētheuō*) Gal. 4:16 fi Efe. 4:15, iddo wangela eeru keessatti itti waa’ee gaafadha, *The New International Dictionary of New Testament Teology*, lakk 3, pp 784-902.

**26:26-28 “mootichi waa'ee dubbii kanaa hundumaa beeka”** Inni kun waa'ee waraabbilee kanniinii maree guddaa ta'eera. Ifumaan ifatti Phaawuloos Agriipha 11 kan itti fayyadamuuf barbaade dhuga ba'uumsa isaa akka mirakneessuu fi yoo danda'am gara dhugaa isaa fudhachuutti isa fiduufi. Waraabbiin 28 “Ani akkan dhuga baatuu kiristiyaanaa ta'u na barbaadda?” jedhamees hiikamuu ni danda'ama.

**26:26 “isatti ani ofirraa bu'eetan dubbadha,”** Luqaas HoE keessatti yeruma hundaa jecha kan aitti ni fayyadama, inni yeruma hudnaa Phaawuloos wajjin kan walqabatedha (cf. 9:27,28; 13:46; 14:3; 18:26; 18:26; 19:8). Inni yeruma hundaa “ija jabummaadhaan dubbachuu”tti ni hiikama (cf. 1Tas. 2:2). Inni kun hafuuraan guutaman ta'uu kan mul'isan keessaa isa tokko. Inni (cf. 6:20) keessatti meeshaa gaaffii kadhata Phaawuloos ture. Labsiin wangeelaa ija jabummaan ta'u amanaa kamiifiyyuu galma hafuuraati.

▣ **“wanta suuqatti hojjatame waan hin ta'iniif”** Pheexiroos dubbii walfakkaatu kana deddeebisee dhaggeeffatoota isaa jalqabaatiif Yeruusaalem keessatti qalbiidhaan dubbateera (cf. 2:22,33). Dhugaawwan wangeelaa kan mirakeessanii fi kan seenaa qaban ture.

**27:27** Phaawuloos Agriiphaan beekumsa Kakuu Moofaa akka qabu ni beeka ture. Phaawuloos kan himaa jiru ergaan wangeelaa isaa ifumaan ifa caaffattoota Kakuu Moofaa irraa baratamuu kan danda'aman akka ture. Inni ergaa “haaraa” ykn “argannoo” hin turre! Inni sun raajii galma ga'e ture.

**26:28**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“yeroodhuma gabaabduu keessatti kiristiyaana na gochuuf jettaa”** |
| **NKJV** | **“Ati kiristiyaana na gochuuf geessee jirta”** |
| **NRSV** | **“Ati daftee kieristiyaanaa na gochuuf jettaa?** |
| **TEV** | **“yeroo gabaabduu keessatti kiristiyaana kan na gootu sitti fakkaataa'** |
| **NJB** | **“hamma ta'e tokko, mormiin keetiis kiristiyaana na gochuu ni malu”** |

Waa'ee akkamittiin *oligō* “jechuunis xiqqoo, ykn hamma hoodaa” hubachuuf jechi filatamu kan bira ani jira, “yeroo gabaabduu keessatti (NASB, NRSV, TEV), ykn “carraaqqii xiqqoodhaan” “NKJV, NJB). Faajja'uun walfakkaatu kun W. 29 keessattis ni dhihaata.

Garaa garummaan dubbisaa gaalee kanaan firoomu “gochuu” ykn “taasisuu” (*poieō*) barreeffamoota harkaa keessatti p74, א , A, ykn “ta'uu MSE keessatti akkasumas hiikkaawwan vulgate fi Peshittaa keessatti dabalataan ni jira.

Hiikkaan qaibyyee guddicha keessaa ifa. Phaawulos kanneen warra Kakuu Moofaa beekanii fi mirkaneeffatan (Agriiphaa) gara amantiitti ykn hamma xinnooshee akka dhufuu malan, walitti dhufeenya raajiiwwan Kakuu Moofaa kanniin mirkaneessuun wangeela karaa akkasii kanaan dhiheessuu ni barbaade.

▣ **“kiristiyaana”** Sabni “karicha” (hordoftoonni Kiristoos) Anxookiyaa Xarseesitti kiristiyaanoota jedhamanii ni waamamani (cf. 11:26). Iddoon biraa kan maqaan kun HoE keessatti kan ba'e arraba Agriiphaa II irraayi, san jechuunis maqichi bal'inaan kan beekame ta'ee ture jechuudha.

**26:29 “Waaqayyoon nan kadhadha”** Waraabbiin 29 hima HAALA KUTAA AFRAAFFAATTI an MIIRA FILUUTIIN, isa fedha guddaa isa fageenyatti gara dhugaatti dhufuuf malu ibsuuf kan looguudha. Inni yeruma hunda kadhannaa ykn hawwiidha. Phaawuloos dhaggeeffattoota isaa hunda, warra Roomaa fi Yihudootaa akkuma ofii isaa gara amantii Kiristoositti akka dhufan ni hawwe.

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 26:30-32**

30 **Kana booddee mootichi, abbaan biyyaa, Berniiqeen, warri isaanii wajjin yaa'iitti taa'anis ni ka'an.**
31 **Yommuu achii adeeman immoo, “namichi kun du'a yookiis hidhaa kan isatti farachiisu waan tokko illee hin hojjenne” waliin jechaa turan.** 32 **Agriiphaan kana irratti Fesxoosiin, “Namichi kun 'Mooticha warra Roomaa nan dhageessifadha' utuu hin jenne ta'ee, gad dhiifamuu ni danda'a ture” jedhe.**

**26:30** Luqaas akkamittiin odeeffannoo kana argatee? Inni sun haasaa dhuunfaa dursitoota mootummaa (fi maatii isaanii) gidduutti godhame ture. Tajaajilaan wayii dhagahee Luqaasiif dabarsuu ni danda'a turee? Wanta isaan jedhani irraa ibsoota itti aanan Luqaas tilmaamuu danda'a, ykn Luqaas cimuu kaayyoo bilisaa isaa isa Phaawuloos ykn kiristiyaanummaan Roomaadhaaf doorsisa akka hin taane argisiisuuf carraa kanatti ni fayyadame.

**26:31-32 “namichi kun mooticha warra Roomaa nan dhageessifadha utuu hin jenne ta'e, gad dhiifamuu ni danda'a ture”** Inni kun kaayyoo isa guddaa barreessuu HoE, Luqaas argisiisu tokko, innis kiristiyaanummaan Roomaadhaaf ganuu akka hin taane argisiisuuf akka ture. Inni kun hima HAALA RAMADDII LAMMAFFAA isa dhugaa fakkeessuuf miraknannoo sobaa godhu Namichi kun Mootii warra Roomaa (isa inni godhe) nan dhaggeeffadha utuu jenne ta'ee, gadhiifamuu ni danda'a ture (inni kan hin turre).

**GAAFFILEE MARII**

Inni kun qaleelfama qo'annoo ololoo yookiin yaada kennuuti, san jechuunis ati mataan kee hiikkaa Macaafa Qulqulluu ofii keetiif ittigaafatamaadha. Tokkon tokkoon keenya ibsaa isa qabnu keessa adeemuu qabna. Ati, Macaafa Qulqulluu fi Hafuurri Qulqulluun hiikkaa keessatti kan dursa kennamuufi. Ati wanta kana irratti haasa'uu dhiisuu hin qabdu.

Gaaffiileen marii kunniin kan dhihaatan yaada isa guddaa kutaa kitaaba kanaa guutummaa akka yaadduuf akka si gargaaruufi. Isaan murtii hin geeddaramnee miti, kan nama dadammaqsan wayii fakkaatu.

1. Ittiisni kun akkamittiin ittisa Fesxoosii fi Felixn duratirra adda ta'ee?
2. Akkamittiin dhuga ba'uumsi dhuunfaa isaa ittisa isaa waliigalaa wajjin mijaa'aa ta'ee?
3. Maalifii Masihiin dhiphachaa ture sun Yihudootatti waan addaa itti ta'ee?
4. Maalifiin waraabbii 28 hiikuun kan baay'ee cimaa ta'eefi?
5. Akkamittiini marii Fesxoos Agriiphaa fi Berniiqeen (ww. 30:31) kaayyoo Luqaas bilisa ta'e overarching HoE. Keessatti mijaa'aa ta'ee?

# HOJII ERGAMOOTAA 27

## HIRAMSA KEYYATAA HIIKKAA HAMMAYYAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TIV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Phaawuloos gara Roomaa dhaquusaa | Deemsa gara Roomaa | Deemsa ara malaaxiyaa | Phaawuloos Roomaa dhaqe | Imala Gara Roomaa jalqabuusaa |
| 27:1-8 | 27:1-8 | 27:1-6 | 27:1-6 | 27:1-3 |
| | | | | 27:4-6 |
| | Akeekkachiifni Phaawuloos tuffatamuusaa | | 27:7-8 | 27:7-8 |
| 27:9-12 | 27:9-12 | 27:9-12 | 27:9-12 | 27:9-12 |
| Dha'aa galaanarraa | Dha'aa galaanichaa keessatti | | Dhagaa galaanarraa | Dha'aa galaanichaa fi hurraa'uu bidiruu |
| 27:13-20 | 27:13-38 | 27:13-20 | 27:13-20 | 27:13-20 |
| 27:21-26 | | 27:21-26 | 27:21-26 | 27:21-26 |
| 27:27-32 | | 27:27-32 | 27:27-32 | 27:27-32 |
| 27:33-38 | | 27:33-38 | 27:33-38 | 27:33-38 |
| Hurraa'uu bidirittii | Birdirittiin malaaxiyaatti hurraa'uu ishee | | Hurraa'uu bidiruu | |
| 27:39-44 | 27:39-44 | 27:39-44 | 27:39-41 | 27:39-41 |
| | | | 27:42-44 | 27:42-44 |

**MARROO DUBBISAA SADII ("Qajeelcha irraa gara dubbisa gaarii Kitaaba Qulqutti geessu" fuula vii)**
*FEDHA BARREESSAA KA'UMSA SADARKAA KEYYATAATTI HORDOFU*

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti, kanaaf hiikkaa keetiif Kitaaba Qulqulluu keetiif, ittigaafatamaadha. Tokkoon tokko keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluu keefi, hafuurri Qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdan.

Boqonnicha taa'umsa tokkoon dubbisi. Dhimmasaa addaan baafadhu. Hiramsa dubbii kee hiramsa hiikkaale shanan olitti ibsamanii jiran bira qabii ilaali. Buufanni afuurahun miti, garuu fedha barreessaa ka'umsaa hordofuuf furtuudha, suni moo ifa hiikkooti. Buufanni dhimma tokkoo fi tokko qofa qaba.

1. Keyyata duraa
2. Keyyata lammeessoo
3. Keyyata sadeessoo

4. Kkf

HIIKAA GALUMAA

A. Luqaas ogummaa baay'ee qaba, isaanis: Hojii markabaa (A.T.roberton, *Word Pictures in the New Testament*, hidha 3ffaa fuula 456, irratti Luqaas kopmaamuundoota sagan "*pleō*" wajjin hojii markabaaf itti fayyadame jedha). Akkasumas Hog-barruu, seenaa fi Ti'ooloojiifaadha. Armaan gaidtti jechoonni fi gaaleewwan ogummaa markabaan wal-qabatan kennamaniiru.
   1. yaabaluutu narra ture (cf. 13:4; 14:26; 20;15; 27:1)
   2. Gaaddisa jala (cf. 27;4,7)
   3. Hiituu Bidiruu (cf. 27:15)
   4. *Qilleensaan falmuu* (cf. 27:15)
   5. Qilleensaan jala fiiguu (cf. 27:16)
   6. Gaaddisa jala fiiguu (cf. 27:16)
   7. Walitti hidha (cf. 27:17)
   8. Kan ittiin markaba to'atan (*skeuous*) (cf. 27:17; kan ittiin markaba dhaaban (*skeuēs*) (cf. 27:19)
   9. Fuunyoo ittiin gadi fageenya galaanaa safaran (cf. 27:28)
   10. Kan ittiin gadifageenya galaanaa beekan (cf. 27:28) (si'a lama)
   11. Warra ittiin markaba to'atan arfan (cf. 27:29,40)
   12. Wadaroo ittiin markaba qajeelchan (cf. 27:40)
   13. Fuuldura sharaa qilleensatti ol kaasuu (cf. 27:40)
   14. Ariitii safaruu (MSS $p^{74}$, א, A, cf. 28:13).

B. Kitaabni beekamaan namoota yaada kennaniif baay'ee fayyadu tokko kan Jems Isimiiziin barreeffamee fi kan "The *Voyage* and *shipwreck* of St. Paul, 1848" jedhamuudha.

C. Deemsi gara Roomaa kun kan inni yaalame yeroo waggaa keessaa deemsaaf baay'ee rakkisaa ta'ettidha. (cf. 27:1,4,7,9,10,14). Si'a baay'ee yeroon Sadaasaa-Guraandhalaatti jiru yabaluudhaaf yeroo baay'ee rakkisaa ture. Kunis deemsa dura fi booda torban lamaa hanga sadiitti qarqara galaanaa turuu nama gaafata. Deemsi dhaabbataan gara Roomaatti fudhata, yeroo deebi'an garuu sababii kallattii bubbee irraan kan ka'e guyyoota jaatama namatti fudhachuu danda'a.

D. Keeyyata kana keessatti dooniiwwan sadii yookiin afur argina.
   1. Doonii qarqara galaanaa kan Keyyata hundumaatti dhaabatanii qarqara galaanaa dhiphisan
   2. dooniiwwan gibxii lamaan kan midhaan Gibxii gara Xaaliyaanitti fe'an.
   3. Kan biroon immoo, yaabalan namaa fi meeshaa kan gara iddoo maayila 43 kibba Roomaatti godhame ta'uu danda'a.

   Kaartaa Mdedeteraaniyaanii irratti qooda Luqaas deemsa kanaaf gumaache hordofuu baay'ee namatti tola.

## QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE

**BARREEFFAMA NASB (FOOYA'AA) 27:1-8**
**[1]Markabaan biyya Xaaliyaa dhaquu keenyatu murtaa'e. Warri kana murtoo godhan, Phaawuloosiin,**
**jarreen hidhaman tokkos Yulii'os angafa dhibbaatti kennan; innis kutata waraana warra Roomaa**
**"Awugusxaa" jedhamee waamame kessa ture. [2]Markaba mandara Adraamiixosii dhufee, gara buufata**
**markaba kutaa biyya Asiyaa keessaa dhaquudhaaf qophaa'e, yaabbannee adeemne; Arisxaarkos, namni biyya**
**Maqedooniyaa Tasaloonqeedhaa dhufe tokko, nu duukaa ture. [3]Borumtaas mandara sidoonitti galle;**
**Yullii'oos immoo Phaawuloosiif garaa laafee, akka inni dhaqee fira isaa dubbisee, waa isa barbaachise isaan**
**biraa argatuuf, isa dhiise. [4]Sidoonii kaanee, qilleensi achii as waan nutti qilleensa'eef, Qophroos biyyicha**

**bishaan keessaa sanatti da'annee adeemne. 5Fuullee kutaa biyya miiraa mandara biyya Liiqiyaa dhufne. [6]Achitti angafichi dhibbaa markaba biyya Iskindiriyaatii dhufee, biyya Ixaaliyaatti adeemu tokko argee, itti nu dabarse. [7]Markabichaanis guyyaa baay'ee suuta jennee adeemne; ittuma rakkannee fuullee Kiniidoos, eegee biyya bishaanii geenye. Qilleensichis karaa sana adeemuu nu dhowwinaan, Qareexis biyya bishaan keessaa sanaan da'annee fuullee Salmooniitiin baane. [8]Qarqara galaanichaa irraa utuu hin fagaatin, rakkina guddaadhaan iddoo "Buufata ba'eessa" jedhamu isa mandara Lasee'aatti dhi'oo jiru, tokko dhufne.**

**27:1 "markabaan biyya Ixaaliyaa dhquu keenyatu murtoo ta'e"** Fesxoos akka isaan markabaan deemaniif yeroo rakkisaatti isaan erge. "keenya" kan jedhu kan inni agarsiisu Phaawuloosii fi Luqaasidha (kan biroos jiraachuu danda'u. Hojii Ergamootaa keessatti "nu'i kenya" kan jedhu yeroo baay'ee markabaan deemuudhaan wal qabatee jira (cf. 16:10-17; 20:5:15; 21:1-28; 16).

▣ **"jarreen hidhaman tokko"** Hidhamtoota Impeeriyaalaa kan gara Roomaa dhaqan ta'uusaanii irraa kan hafe waa'ee jarreen kanaa waan beekuu hin qabnu.

▣ **"angafa dhibbaa"** Namoonni kun Kakuu Haaraa keessatt yeroo hundaa waan gaariidhaan kaafamu (cf. Mat. 8; Luq. 7; 23:47; HoE 10 fi Phaawuloos yaa'iitti dhiheeffamuusaa 21-28).

▣ **"kutata waraana Awugusxaa"** Isaan kun Roomaa fi bulchiinsota kan biroo gidduutti namoota daawwachiisuudhaan beekamu (cf. W.MRamsay, *St. Paul. The Traveler and Roman Citizen* pp 315, 348), garuu kun wanta barreeffamaan taa'e utuu hin ta'in yaada akkasumattiin bara hadriin dura beekamuudha. (Dhaloota Kiristoos dura 117-138).

**27:2"markaba mandara Adraamiixosii"** kun doonii xiqqoo qarqara galaanaa kan Keyyata hundumaatti dhaabachaa turtedha. Buufanni doonitti kanaa Keyyata galaanaa Meshiyaa isa kan Eshiyaa xiqqittii ture. Kun deemsa rakkisaa gara Roomaatti godhameef sadarkaa jalqabaa ture.

▣ **"Arisxaaskos"** Manni isaa Tasaloonqee ture; tarii yeroo kanas gara manaatti deebi'aa jiraachuu danda'a (cf. Hojii Ergamootaa 19:29; 20:4; Qol. 4:10; Filemon 24). Inni Sekundasiin hordofamaa ture ta'a (cf. 20:f fi barreeffamoota lixa Giriikii kan kutaa kana irratti barreeffaman tokko tokko).

**27:3 "Sidoon"** Kun magaalaa foneshiyaanotaa kan Qisaariyaa irraa gara kaabaatti maayilii jaatamii torba fagaatee argamudha. Sidoon magaalaa guddoo foneshiyaa durii turte. Garuu erga Taayiriin bakka buufamtee turteetti.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"hubannaadhaan"** |
| **NKJV/NRSV** | **"nama gaarii"** |
| **TEV** | **"gaarii ture"** |
| **NJB** | **"hubataa ture"** |

Kun jecha Tishoo kan jechoota "jaalala" (*filos*) fi "namummaa" (*antrōpos*) jedhaman irraa uumaedha. Jechichi Hojii Ergamootaa keessatti yeroo lama barreeffameera, 28:2 (cf. Titos 3:4) irratti MAQAA; akkasumas 27:3 irratti immoo IBSA XUMURAA ta'uudhaan barreeffame. Yuli'oos nama nama gargaaru ture (kun akka loltuu roomaa ta'uusaatiitti kan nama dinquudha). Inni waa'ee Phaawuloos dhaga'eera ta'a.

▣ **"Hiriyootasaa"** Kun kan jedhame kiristiyaanoota achi turaniif ta'uu danda'a. Yuli'oos Phaawuloosiin amanee dhiise, garuu eegduun warra Roomaa wajjin deemeera ta'a.

▣ **"gargaarsa"** Barreeffamichi gargaarsa akkamii akka inni ta'e (xin-sammuu, qaama, maallaqa) adda baasee hin kaa'u.

▣ **"eegumsa Qiphroos jalatti"** Kun warra Afaan Ingiliziitiin dubbisanitti "kibba Qiphroos" itti fakkachuu dnad'a garuu kun kibba otoo hin ta'in kaaba jechuusaati. Maqoonni maqaa dhahaman biroon kibaa fi qarqara lixa Turkii ammaatti kan argamaniidha.

**27:6 "markaba iskindiriyaa kan gara Xaaliyaaniitti deemaa ture"** Kun markaba guddoo turte (namoota 276 fi midhaan hedduu baatti) isheenis Gibxii gara Roomaatti deemaa turte. Har'a waa'een markaba guddoo kanaa fakkiiwwan girgiddaa Pompe'ii fi barreeffamoota Luushiyaanotaa kan dhaloota Kiristoos dura bara 150, barreeffaman irraa ni beekama. Myra'n markaboota midhanaii gurguddoo kanaaf Keyyata isa guddaa ture.

**27:7 "Kiniidoos"** Kun magaalaa bilisa qarqara galaanaa kan qarqara kibba lixa Roomaa dhufan baay'eensaanii Keyyata kana fayyadamaa turan (cf. Thucydides, *Hist.* 8.35). Kiniidoos qarqara galaanaatti waan argamtuuf Keyyata lama qabdi turte.

▣ **"Salamoon"** Kun magaalaa baha odola Qareexis dhumatti argamtudha. Yeroo waggichaa irraa kan ka'e gara odolichaatti siquudhaan karaasaanii gara Lixaatti gochuudhaaf yaalanii turan.

**27:8 "Keyyata ba'eessa"** Kun magaalaa kibba Qareexis kan lase'aa jedhamtutti dhi'oo ture. Kun Keyyata doonii utuu hin ta'in, galoo galaanaa ture. Bona guutuu as turuun rakkisaa ture.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): 27:9-12**
**[9]Kana keessaas guyyoonni baay'een darban; yeroo sanatti bubbeenii fi qorri waan jabaatuuf, markabaan adeemuun sodaachisee ture. Guyyaa araarsaa jedhame kan itti sooman waan darbeef Phaawuloos, [10]"jara nana, yeroo kana markabaan itti fufnee adeemuun keenya kun rakkinatti nu galcha; fee'iisichi markaba keessaa akka badu, markabichi akka cabu, lubbuun namaas akka dhumu anatti mul'ata" jedhee of eeggachiis. [11]Angafichi dhibbaa garuu dubbii Phaawuloos dubbatu irra, dubbii inni markabicha hoofuu fi abbaan markachibaa dubbatan fudhate. [12]Iddoon sun buufata yeroo gannaatiif hin ta'u, ture. Kanaaf isaan keessaa garri caalan iddoo buufatichaattii ka'ani, yoo isaanii danda'ame Finiiqeetti galanii, ganna achi ba'uudhaaf murtoo godhan. Finiiqee immoo, buufata markabaa, Qareexis biyya bishaan keessaa lixa-biiftuu irraa gara mirgaatti fi gara bitaatti garagalteedha.**

**27:9** Waggaa keessatti yeroowwan rakkisoo (ji'oonni bonaa) kan dha'aa galanaa fi kallattii bubbee irraa kan ka'e deemsi Medeteraaniyaanii irraa rakkisaa akka ta'u godhantu turan.

▣ **"sooman"** Kun guyyaa araarsaa sana ibsa (cf. Lew. 16). Guyyaan soomii barreeffamoota Musee keessatti ibsame isa kana qofa ture. Kunimmoo deemsichi Fulbaanaa fi Oniloolessa gidduutti akka ta'eu gochuu danda'a. Onilooloolessi deemsa galanarraaf yeroo isa dhumaa ture.

▣ **"Phaawuloos *Eegalee ture*"** Kun enna hin raawwatamin jiru yommuu ta'u, kan inni agarsiisu immoo (1) gocha yeroo darbee ta'ee kan walitti fufiinsa qabu yookiin (2) jalqaba gochaati. Akka hiika galumsaatti yoo filanne filannoo isa lammaffaa wayya.

**27:10** Phaawuloos akeekkachiisa cimaa fi murtaa'aa ta'e kenne. Haa ta'u malee, dhugaatti, kun hin taane. Phaawuloos yaada mataa isaa kennaa ture, ("natti fakkaata"), moo Waaqayyootu yaadasaa jijjiiree akka namoonni markabaan deemuu dhiisan godhe (cf. Lakk. 24)?

**27:11**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"paayileetichaa fi kaappiteenicha"** |
| **NKJV** | **"namicha bidiruu hoofuu fi abbaa markabichaa"** |
| **TEV,NJB** | **"kaappiteenichaa fi Abbaasaa"** |

Gaaleen kun namoota garaagaraa lama agarsiisa.

1. Phaayileeticha (*kubernitēs*), kan namicha doonii hoofu agarsiisu, isa Doonii hoofu (cf. Mul. Yoh. 18:17).

2. kaappiteenicha (*nauklēros*), mooraa “doonii” [*naus*] fi “Dhaaluu” yookiin “baay'ee” [*klēros*], jechichi “abbaa doonii” jedhuu ta'uu yoo danda'eyyuu (cf. F.F.Burus, *Macaafa Hojii Ergamootaa*, fuula 507, kan inni fudhatu, St. *Paul the Traveler*, fuula 324, isa Iuscriptiones Graecae, 14. 918, irraa fudhatu irraati). Koyin papirii keessatti “kaappiteenii” ta'uudhaan fayyada. Garaagarummaa sirriin jechoota kana lamaan gidduu jiru sirriitti hin beekamu (cf. Louwand. Nida, *Greek English Lexicon*, *Hilexicon Revised*, fuula 275), garuu markaba hammas guddaturra (Markaba midhaanii Iskindiriyaa) geggeessitoonni sadarkaa garaagaraa, akkasumas yabaltoonni dhaabbatoon jiraachuu danda'u.

**27:12 “yoo”** Kun hima SADARKAA SADAFFAA KAN HAALARRATTI HUNDAA'Edha. Warri yabaluudhaaf murteessan sun deemsichi balaa qabaachuu akka danda'u beekanii turan, garuu deemuu ni dandeenya jedhanii yaadan.

▣ **“Finiiqee”** Kun Keyyata galaanaa kan kibba lixa Qareexis, Keyyata ba'eessaan gara Lixaatti argamuudha. Waa'ee iddoo itti argama isaatiif ragaa maddoota odeeffannoo durii irraa argamu irratti shakkiitu jira (Starbo, **Geography**, 10.4.3 fi Ptoleny, an Egyptian *Geography* 3.17,3). Isaan ammayyuu buufatichatti dhi'aatanii qarqara Qareexis gara kibbaarra yabalaa jiru.

▣ **“lixa biiftuu irraa gara mirgaatti fi gara bitaatti gara galtee”** Finiiqeetti ifatti kan mul'atan magaalota gar ba'antu ture. Guufanni galaanaa inni tokko haala gaariidhaan qilleensa karaa tokkootiin wal qabsiifnee ilaaluu dandeenya, Isa kan biroos Qilleensa karaa isaa biraatiin dhufuun wal qabsiifnee ilaaluu dandeenya. Buufanni inni kam gaarii akka ta'e kan murteesu yeroo waggaati.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): 27:13-20**
**[13]Qileensi laphiin gara mirgaatii qilleensa'uu jalqabnaan, namoonni waan gochuuf yaadan raawwachuu waan danda'an isaanitti fakkaate; markaba isaanii hiikanii, qarqara Qareexisiin galaanicha irra adeeman. [14]Baay'ee utuu hin turin qilleensi “Qilleensa boruu gara bitaa” jedhamu qareexis irraa galaanichatti qilleensa'e. [15]Qilleensichi markabicha rukutee, fudhatee adeeme; markabichis qilleensichaan qabuu waan dadhabeef, iffi gad dhiifamee oofamne. [16]Kaawudaa biyya bishaan keessaa ishee xinnoo tokkoon da'annee, itti rakkannee, bidiruu isa markaba keenyatti hidhamee harkifamaa ture sana, qilleensicha harkaa buufachuu dandeenye. [17]Biriruu sana ol haarkisanii markaba irra kaa'an, markabichuma iyyuu akka qilleensi gargar hin baafneef, funyoodhaa fi funcaadhaan walitti hidhan. Gara bishaan ol dhi'ootti adeemantii, markabni lafa nu duraa rukuta jedhanii waan sodaataniif, mi'a markabicha suuta adeemsisu tokko bishaan keessatti gad dhiisanii, akkasumatti oofaman. [18]Qilleensi baay'ee jabaan ittuma fufee waan nutti qilleensaa'eef borumtaa fe'iisa markaba keessa jiru irra galaanaatti gad daddarbatan. [19]Guyyaa sadaffaa isaattis immoo harka isaaniitiin mi'uma markabichaa iyyuu galaanatti gaggatan. [20]Aduudhaa fi urjoota utuu hin argin guyyaa baay'eee dabarsine; qilleensi jabaan sun nutti qilleensofnaan, yommusuma ooluudhaaf abdiin nu'i qabnu hundinuu ni cite.**

**27:13**

| | |
|---|---|
| **NASB ,NRSV** | **“qilleensa hamaa”** |
| **NKJV** | **“qilleensa baay'ee ulfaataa”** |
| **TEV** | **“qilleensa baay'ee jabaa”** |
| **NJB** | **“hobomboleettii jabaa”** |

Jechi Giriikii kun *tuphōn* (taayifoon) + *ikos* (akka) dha. Kun qilleensa tasaa fi baay'ee jabaa kan ta'e ture. Qilleensichi akka hammaatu kan godhan immoo tulloota Qareexis kan faana 7,000 dheeratan ta'uu danda'u.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“Ewuraquico”** |
| **NKJV** | **“Ewurachydon”** |
| **NRSV, TEV** | **“qilleensa boruu gara bitaa”** |
| **NJB** | **“qilleensa boruu gara bitaa”** |

Kun maqaa addaa kan yabaltoonni yeroo sanaa qilleensa akkasiif kennanii turanidha. Kan inni uumames (1) jecha Giriikii "Qilleensa gara bahaa" (*euros*) fi (2) Jecha Laatiinii "qilleensa gara kaabaa" (*aquilo*) irraati. Innis qilleensa jabaa fi tasa dhufaa kaaba bahaa ture.

Kun jecha ogummaa kan waa'ee markaba hoofuutiin wal qabate waan ta'eef (*eukakulōn*) barreessitoota gara boodaa kan galumsi jechichaa akka gaarii ta'u gochuu yaalanii hiikasaa jijjiiraniin akka malee hubatameera.

**27:15 "qilleensichaan qabuu waan dadhabeef"** Markaboonni durii fuuldurasaaniitii karaa lamaaniinuu fakkii ijaa qabu turan. Booddee garuu fakkii namaa yookiin kan bineensotaa irratti kaasuu jalqaban (cf. 28:11). har'a iyyuu dooniiwwan aka durbaatti nameessina. Gaaleen kun jecha jechaan yoo hiikame, "farra" ida'uu "ija" (ophtuaimos) ta'a. Isaan markabittiidhaan qilleensichatti deemuu hin dandeenye.

**27:16 "kaawudaa"** odolli xinnoon kun qarqara kibba Qareexis irraa akka maayilii shantamaa fagaattee argamti. Isaan yeroo kanatti qilleensa jabaa boruu gara bitaatiin rakkatanii, gargaarsas dhabanii turan. Isaan qilleensicha jalaa da'oo qabatanii markabittii deemsaaf qopheessuuf waan isaaniif danda'ame gochaa turan.

Maqaa odola kanaa irratti barreeffamoota Giriikii garaagaraatu jira.

1. *Kauda*, MSS p74, א[2],B
2. *Klauda*, MSS א*, A
3. *Klaudēn*, MSSH,L,P fi barreeffamoota xixinnoo baay'ee, kan gara boodaatti barreeffaman.
4. *Gaudēn*, barreeffama Giriikii kan Jeroom itti fayyadame.
5. *Klandion*, barreeffamoota xixiqqoo muraasa.

UBS[3] fi UBS[4]'n #1'f sadarkaa "B" kennu (beekamaadha jechuun ni danda'ama). Filannoowwan jalqabaa lamaan hiikaa maqichaa kan bifa Giriikii fi bifa Laatiinii qaban ta'uu danda'u.

▣ **"bidiruu...qilleensicha harkaa baafachuu"** Kun bidiruu xinnoo wadaroodhaan qabsiifamtee agarsiisa (cf. Lakk. 30,32). Bidiruun kun waan harkifamtuuf markaba isa guddaa hoofuu rakkisaa gooti.

**27:17 "markabicha funyoodhaafii funcaadhaan walitti hidhan"** Kun kan inni agarsiisu funcaadhaa fi funyoo nannawaa amarkabichaatti xaxanii hidhuudhaan markabichi akka iqlleensaan gargar hin baane gochuudha (cf. Artistotle Rhetoric 2.5.18).

▣ **"gara bishaan ol dhi'ootti"** Kun cirracha adeemaa kan qarqara kaaba Aafrikaati. Isaanis Sirxis guddichaa fi Sirxis xinnicha jedhamu turan (cf. *Pliny, Nat. Hist*. 5.4,27). Achii caccabaa markabaa hedduutu ture. Yabaltoonni sun Sirxis guddicha ittisuudhaaf jecha, markabicha gara bukkeetti hoofu turan, kunis suuta jedhanii gara kibbaatti deemuudhaaf ture.

▣ **"qofoo sibilaa isa ittiin markaba dhaaban"** Kana sirriitti hiikuudhaaf furtuun jecha "darbatan" jedhudha. Maaliif darbatan; (1) isa ittiin markaba dhaaban yookiin (2) Qaama sharaa? Kaayyoonsaa markabicha suuta jechisiisu ture, akkasumas to'annoodhaaf nama fayyada.

Qofoon sibilaa ittiin markaba dhaaban kun gadiitoo jala markabaatti jiru utuu hin ta'in, waan akka paaraashuutii kan ulfaatina bishaanii isa keessa jiru fayyadamee markabittiin akka gara kibbaatti hin deemneef suuta jechisiisuudha (cf. Barreeffama laatiinii durii fi NASB, NRSV, fi NJB).

Hiikkaawwan Ingiliffaa garaagaraa kan jecha kana "sharaa gad buusuu" jedhanii hiikan jiru (cf. NKJV, TEV, NJB fi Intiliffa keessattimmoo "pershitta"). Jechi Giriikii kun jecha jechaan yoo hiikame "wanta" jechuudha (cf. Louw and Nida, *Greek-English Lexion*, hidha.Z, fuula 223) yeroo hiikamu garuu hiika galumsaa isaatiin hiikamuu qaba. Barreeffamoonni Paappirasii garaagaraa kan akka sharaa jechuutti isa fayyadaman jiru (cf. Mowton and Milligan, *The Vocabulary of the Greek Testament*, fuula. 577). Yoo akkas ta'e isaan sharicha hamma tokko gad buusan malee hundasaa (guutummaatti) miti. Isaan markabicha hamma tokko to'achaa suuta jedhanii hamma isanaiif danda'ametti gara bukkeetti deemuutu irra ture.

**27:18-19** Kun kan inni agarsiisu qilleensichi hammam ulfaataa fi hamaa ta'ee yabaltoota yeroo sanatti akka inni mul'ateedha (cf. 20).

**27:18 "fe'iisa markaba irra jiru irra galaanaatti gad daddarbatan"** Kun kan inni agarsiisu, yabaltoonni kun dhugumaan lubbuusaaniif baay'ee sodaatanii akka turanidha.

**27:19 "mi'uma markachibaa"** Kunmaal akka inni agarsiisu sirriitti hin beekamu, tarii sharaa isa guddichaa fi funyoosaa ta'uu danda'a. Jechichi ifa miti. Jechumti kun yeroon inni itti qofoo sibiilaa isa ittiin markaba dhaaban, yookiin qaama sharoota sanaa agarsiisu jira, lakk. 17 irratti.

**27:20 "aduudhaa fi urjoota utuu hin argatin guyyoota baay'ee dabarsine"** Gaaleen kun yabaltoonni sun eessa akka turan iyyuu akka isaan beekuu hin dandeenye ifatti nu hubachiisa. Qarqara kaaba Afrikaa ni sodaatu turan, hammam itti dhi'aatanii akka jiran garuu beekuu hin dandeenye (cf. Lakk 29). Aduu yookiin urjii malee deemuus ta'e iddoo jiran baruu hin danda'an.

▣ **"kana booddee abdiin nu'i jiraachuudhaaf qabnu guutummaatti cite"** Kun Phaawuloos mul'ata ofii isaatii arge irratti hundaa'ee, akka isaan jajjabeessuuf carraa baneef (cf. W. 21-26). Wanti isaan qaban jalaa dhumee ture.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): 27:21-26**

**[21]Namoonni yeroo dheeraadhaaf nyaata lagannaan, Phaawuloos ka'ee isaan gidduu dhaabatee, "jara nana rakkinaa fi badiisa kana oolchuudhaaf, dubbii koo dhaga'uun, Qareexisii ka'uu dhiisuun ni ta'a ture. [22]Amma garuu isinan gorsa, jabaadhaa! Markabicha malee isin keessaa lubbuun nama tokkoo iyyuu hin badu. [23]Waaqayyo koo isa ani kan isaa ta'ee hojjedhuuf biraa, ergamaan eda halkan na bira dhufee, [24]'Hin sodaatin yaa Phaawuloos, mootii warra Roomaa dura dhaabachuuf jirta, kunoo, Waaqayyo ayyaana isaatiin, namoonni warri si duukaa jiran hundinuu du'a akka oolan, ni godha'anaan jedhe. [25]Kanaafis jabaadhaa yaa jarana! Akkuma ergamichaan anatti himame, akka inni ta'uuf Waaqayyootti nan amanadha. [26]Haa ta'u iyyuu malee, markabni keenya biyya bishaan keessaa tokkotti lafa rukutuun isaa hin oolu" jedhe.**

**27:21 "namoonni yeroo dheeraadhaa nyaata lagatan"** Lakkoofsa 33' walqabatee yoo xinnaate hiikaa ta'uu kan danda'an yaadni sadii jiru. (1) dha'aa galaanaa ulfaataa yeroo dheeraa irraa kan ka'e dhukkubbiin garaa isaanitti dhaga'amuu danda'a; (2) Amantii isaaniitiin ooluudhaaf soomaa fi kadhannaa irra turan (Jechuunis amala warra amantii hin qabnee, cf. Lakk 29); ykn (2) doonittii oolchuudhaaf baay'ee hojiitti qabamanii turan, nyaachuun dhimma gadi aanaa ture.

▣ **"gosa koo dhaga'uutu isin irra ture"** Phaawuloos "kana isinitti himeen ture" jechuu isaati. Phaawuloos akka dubbii nama hafuuraatti dubbachuuf carraa argate.

**27:22 "doonicha malee"** (jechuunis *dei*, cf. Lakk. 26).

**27:23 "ergamaa Waaqayyoo"** yeroo baay'ee yesuus ykn ergamaan Waaqayyoo isa jajjabeessuudhaaf Phaawuloositti mul'ataa ture (cf. 18:9-10; 22:17-19; 23:11; 27:23-24). Waaqayyo Phaawuloosiif karoora wangeela lallabuu waan qabuuf (cf. Lakk. 26; 9:15) dha'aan galaanaa isa dhabuu hin danda'u ture.

**27:24 "Hin sodaatiinaa, Phaawuloos"** Kun ajaja ennaa ammaa gidduutti xumura duwwaa agarsiisuu wajjin gocha ta'aa jiru akka dhaaban ajajuu jechuudha (cf. HoE 23:11; Fakk. 3:5-6).

▣ **"Waaqayyo namoonni sii wajjin jiran hundi du'a akka oolan ni godha"** Xumurri kun jalqaba gidduu gocha xumuramee kan agarsiisuudha. Waaqayyo tajaajila Phaawuloosiif kaayyoo fi karoora qaba ture (cf. 9:15; 19:21; 23:11). Inni Roomaatti geggeessitoota mootummaa fi geggeessitoota waraanaa ishee duratti dhugaa baatuu isa gochuuf ture.

Jireenyii fi amantiin Phaawuloos namoota Isaa wajjin turan irratti dhiibbaa fidee ture. Keessa Deebii 5:10; 7:9; 1Qor. 7:4 keessatti eebba wal fakkaataa arguun ni danda'ama. Kunimmoo itti gaafatamummaa dhuunfaa hin

hambisu. Garuu dhiibbaa maatiin, hiriiyaanii fi namoonni wajjin hojjetan; kan amane tokko fiduu danda'u ol kaasee mul'isa.

**27:25** Of eeggachiisa Phaawuloos lakk 22 keessatti, "Isinan gorsa jabaadhaa" jedhu kan ennaa ammaa agarsiisu, "jabaadhaa yaa jarana!" jechuun irra deebi'ame; kun immoo ajaja yeroo ammaa agarsiisa.

▣ **"Waaqayyootti waanan amanuuf"** Phaawuloos Kiristoos isa jiraataa wajjin walitti dhufuun isaa sagalee Waaqayyoo akka amanu isa dandeessise ("akkuma ani isiniin jedhe ta'aa"). Amantiin harka kennaa Waaqayyoos fudhatuudha. Fayyina duwwaa utuu hin ta'in Waaqayyo wanta nu irratti ta'us ni mijeessa.

> "Robert B, *Aynonyms of the Old Testament*"; Jireenya amantii warra Roomaa irraa dubbii guddaa fi waraabbii guddaa qaba. "Nu'i amma *Kakuu Haaraa isa amantii* gara tokkotti, amanannaa fi abdii immoo gara kaanitti adda baasee mul'isu arganneerra.
>
> Amantiin Waaqayyoon akk dubbii isaatti fudhachuudha, amanannaa fi obsi akkasumas abdiin immoo firriiwwan amantiiti, amantii amantootatti dhaga'amus karaa baay'eedhaan mul'isu. Ergaan barreessaa jiraachuu kootii gara koo ni dhufa; kun immoo waliigaltee, kakuu ykn ajaja ta'uu danda'a. "eeggyyee fi Ameen" nan jedha yoo ta'e kun amantiidha; Gochi kan airraa dhufu immoo **amunah** ykn Waaqayyotti amanuudha. Akka Macaafa Qulqulluutti, amantiin jecha, ergaa ykn mul'ata waan agarsiisu fakkaata. Kanaaf namni Roomaa inni barate *jireenya isaa amantii* keessatti akkas jedha:- Amantiin dhugaa sagalee Waaqayyoo amanuu mul'isa kunis sagalee isaan dubbatame yookiin Kakuu muraasa isaan godhameen walqabata, amanannaa namni dhaga'e tokko dhugumaa isaaf qabus ni ibsa; inni ittiin walii gala, itti hirkata, ittiinis geggeeffama: kuni amantiidha. Ijji isaa akka ergaa fudhatameetti garaagara, akkasumas akka haala isa fudhateetti. Noohiin aka doonii ijaaru isa godhe, Abrahaam immoo akka mucaa isaa aarsaaf dhii'eessuuf, Museen mucaa intala Fara'oon jedhamuu akka didu, Israa'eloonnis iyyaarikootti akka naanna'an godhe. Akkuma natti himame akka ta'e Waaqayyootti nan amanadha. Kuni fakkii adeemsa isa Macaafni Qulqulluun amantii jedhuuti" (fuula 104-105).

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): 27:27-32**

**[27]Gaafa guyyaa kudha afuraffaa halkan, nuyi galaana Adriiyaa keessa asii fi achi oofamaa turre, gara halkan walakkaatti warri markabicha oofan biyyattii waan dhi'aatan se'an. 28Funyoo ittiin ga fageenya galaanaa safaran gad buusanii, gad fageenya galaanichaa dhundhuma torbaatamii afur ta'uu isaa argan. Takka adeemanii ammas funyoo safaraa sana gad buusanii, dhundhuma shantamii ja'a ta'uu isaa argan. [29]Dhagaatti buuna jedhanii sodaatanii, qofoo sibiilaa isa ittiin markaba dhaaban afur, markabicha duubaan galaana keessatti gad darbatanii, barii lafaa hawwaan ni eeggatu turan. [30]Warri markaba oofan immoo markabicha keessaa ba'anii sokkuu barbaadan. Kanaaf qofoo sibiilaa isa ittiin markaba dhaaban, huuruu markabichaa duraan galaanatti kan gad arbachuu barbaadan fakkeessanii, bidiricha markaba irraa galaanatti gad buusuuf jedhan. [31]Phaawuloos garuu, "yoo warri kun markabicha keessa turan malee, isin ooluu hin dandeessana" jedhee angafa dhibbaatti, loltootattis ni dubbate. [32]Kana irratti loltoonni funyoota bidirichi ittiin hidhamee ture sana kutanii, bidiricha galaanatti gad gatan.**

**27:27 "gaafa guyyaa kudha arfaffaan halkan"** Yeroon kun guutummaa guutuutti fageenya yeroo bololi'uu isaanii wajjin wal sima (jechuunis dhaabbii galaanaa irraa). Isaan saffisa sa'aatii 24 keessatti maayila 36 deemsisuun maayila 476 adeeman.

▣ **"galaana Adiriyaa"** Kun giddu galeessa kibba Medeteraaniyaanii bakka bu'a (Adiriyaa). Kun galaana Adiriyaa isa bara kanaa bakka hin bu'u.

▣ **"biyyatti waan dhi'aatan se'an"** Isaan sagalee danbalii qarqara galaanaa dhaga'anii ykn simbirroota ykn qurxummii arganii ta'uu danda'a.

**27:28 "gad fageenya galaanaa safaran"** Kun funyoo ittiin gad fageenya galaanaa safaran galaana keessa buusuudhaan gadi fageenya galaanaa safaruudha.

▣ **"fageenya harki lamaan yeroo diriiru safaramu"** Kun yabaltootaan gadi fageenya galaanaa safaruuf tajaajila.

**27:29** Ammayyuu dukkana ture. Isaan eessa akka jiran sirriitti hin beekan turan. Hamma sirriitti eessa akka jiran baranitti doonichi lafatti akka hin dhi'aanneef suuta jechisiisuu yookaan dhaabuu barbaadan.

**27:30** yabaltoonni kun namoota amantii hin turre. Isaan of oolchuudhaaf waan danda'an hunda godhu ture.

**27:31** Mul'ata Phaawuloos kan yeroo fi Kakuu Waaqayyootiin kan wal qabatan haalonni muraasni turaniiru.

▣ **"oolan"** Kun akka Kakuu Moofaatti yaada furama foonii agarsiisa (cf. Yaaq. 5:15). Phaawuloosiin waan baraniif, yabaltoonni kun loltoonnii fi karaa deemtoonni isaanii wajjin turanis wangeela dhga'an, kun immoo yaada Kakuu Haaraa isa fayyina hafuuraa jedhu fida. Du'a foonii du'anii du'a bara baraas du'utti ooluun akkam dinqisiisaadha!

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): 27:33-38**
**33Hamma lafti bari'utti immoo nyaata akka nyaataniif, Phaawuloos namoota sana hundumaa gorsee, "nyaata utuu hin nyaatin turuun keessan har'a guyyaa kudha afuraffaadha, homaas afaaniin hin qabne. 34Ooluudhaaf iyyuu nyaachuun isin barbaachisa, kanaaf nyaata akka nyaattan isin nan gorsa; isin keessaa mataa nama tokko irraa iyyuu rifeensi tokkichi illee hin badu" jedhe. 35Phaawuloos kana erga jedhee booddee, buuddena fudhatee fula isaanii duratti Waaqayyoof galata galche; buddeenichas cabsatee nyaatuu jalqabe. 36Isa irratti hundumti isaanii jajjabaatanii, ofuma isaaniitii iyyuu nyaata nyaatan. 37Nu'i namoonni markabicha keessaa walitti 276 turre. 38Isaan erga nyaatanii quufanii booddee, markabichatti haa salphatu jedhanii. Qamadii fe'amee ture.**

**27:34 "isin keessan mataa nama tokkoo irraa iyyuu rifeensi tokkichi illee hin badu"** Phaawuloos jecha Yesuusiin jechoota walfakkaatan fayyadama (cf. Luq. 12:7; 21:18). Kun jecha Hibiraayisxii eegumsa jedhu ture (cf. 14:45; 2Sam. 14:11; 1Mot. 1:52).

**27: 35** Kun irbaata gooftaa bakka hin bu'u, garuu amantii Phaawuloos rakkina keessatti illee qabu ni agarsiisa. Amantiin Phaawuloos warragaan irraatti dhiibbaa uume (cf. Lak. 36).

**27:37 "Dhibba lamaa fi torbaatamii ja'a"** Kun hojjettoota markabichaa fi karaa deemtoota lammata. Barreeffamni B (jaarraa arfaffaa) "76" qaba, MSS א (jaarraa arfaffaa) fi (jaarraa 5ffaa) immoo "276" qaba. Barreeffamni A (jaarraa 5ffaa) "275" qaba. Hiikaawwan haaraan Ingiliffaa hundumtuu 275 qabu. UBS4 sadarkaa "B" kenaaf (dhugaatti dhiyaata).

**27:38** Kun doonii midhaanii guddaa Gibxii dhufudha. Isaan Keyyata irratti mi'a hundumaa fi funyoo doonichaa darbatanii turan.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): 27:39:44**
**39Yommuu lafti bari'es, warri markaba hoofan biyyichi eessa akka ta'e baruu dadhaban; garuu golba galaanaa, malkaan isaa kuufama cirrachaa qabu tokko ijaan qabanii, yoo isaanii danda'ameef markabicha itti qabu barbaadan. 40Funyoo qofoo sibiilaa arfanuu, is aittiin markaba dhaaban sanas kutanii, qofoo isaa galaana keessatti dhiisan. Achumaanis funyoo batoo isa markaba ittiin karaa agarsiisanii hiikan; sharaa qilleensaa is afuula duraa qilleensatti qaban. 41Markabichi garuu kuufama cirrachaa isa bishaan jala jiruttu lixee qabame; fuul duraan markabichaas cirrachicha human qad qotee sochoo'uu dadhabe; dugda duuba isaa garuu humna dha'aa bishaaniitu caccabse. 42Warra hidhaman**

**keessaa tokko illee daakee akka hin baaneef, warri loltuu hunduma isaanii ajjeesuu yaadan. [43]Angafichi dhibbaa garuu Phaawuloosiin oolchuu barbaade, Warri loltuu isa yaadan akka hin raawwanneef isaan dhowwe. Warri daakaa beekan duraan dursanii galaanatti utaalanii, gara lafaatti haa ba'an; 44Warri hafan immoo, battee mukaatiin yookiis caccabaa markabichaatiin duukaa haa bu'an, jedhe abboome. Hundumtinuus akka kanatti oolanii gara lafaatti ba'an.**

**27:39** Amma iyyuu doonicha hamma tokko to'achuu ni danda'u ture.

Barreeffamni Giriikii adda ta'e kan "doonicha irra ofu" (cf. MSS א , A, $B^2$) fi "Doonicha nagaan dhaabaa" (cf. MSS B* fi C) wajjin wal fakkaatu jira. Jechoonni kanaan wal fakkaatan yeroo baay'ee wal nama jalaa dha'u.

**27:40** Kuufamni cirrachaa malkaa irraa kun doonii baay'ee balleessee ture. Iddoo kanatti kuufamni cirrachaa kun iddoo itti dambalii galaanaa fi bishaan galoo galaanaa wal argan ture.

▣

**NASB, NKJV,**
**NJV** **"muka ittiin bidiruu sochoosan"**
**NRSV, TEV** **"batoo isa ittiin doonii karaa agarsiisan"**

Yeroo baay'ee doonii gurguddaa irrati fayyadudha.

▣ **"fuula duratti yabaluu"** Kana yeroo baa'ee hin fayyadamuu, garuu deemsa gabaabaa qarqara galaanaa agarsiisuu danda'a (cf. Juvenal, Sat, 12.69).

## GAAFFILEE MARII

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Quqlulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa ofii isaa laachuu ni danda'a. Tokkoon tokkoon keenya akka nuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluunii fi Hafuurri Qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen kun kah dhiyatan akka ati dhimoota gurguddoo Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee yaaduuf si gargaaruufidha. Gaaffileen kun yaada kaasuu malee ibsa irratti hin laatan.

1. Barreeffamni Luqaas waa'ee gara Roomaatti yaabaluu (deemuu) Phaawuloos barreesse jechoota ogummaa markabaan wal qabatan baay'ee qaba. Kun maal agarsiisa?
2. Lakk. 20 ni karaa ti'ooloojii maaliif baay'ee murteessaa ta'e?

# HOJII ERGAMOOTAA 28

## HIRAMSA KEYYATAA HIIKKAA HAMMAYYAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TIV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Phaawuloos Malaaxiyaatti | Malaaxiyaatti tajaajila phaawuloos | Phaawuloos Malaaxiyaatti | Malaaxiyaa keessatti | Phaawuloos Malaaxiyaa taruu isaa |
| 28:1-10 | 28:1-10 | 28:1-6<br>28:7-10 | 28:1-6 | 28: 1-6 |
| | | | 28:7-10 | 28:7-10 |
| Phaawuloos Roomaa ga'uu isaa | Roomaa ga'uu isaa | Adeemsa gara Roomaa | Malaaxiyaa irraa gara Roomaatti | Malaaxiyaa irraa gara Roomaatti |
| 28:11-15 | 28:11-16 | 28:11-15 | 28:11-15 | 28:11-14 |
| | | | Roomaa keessatti | |
| 28:16 | | 28:16 | 28:16 | 28:15-16 |
| Phaawuloos Roomaatti lallabuu isaa | Roomaatti tajaaajila phaawuloow | Phaawuloossii fi Yihudoota Roomaa | | Phaawuloos Yihudoota roomaa wajjin wal-quunamuu isaa |
| 28:17-22 | 28:17-31 | 28:17-22 | 28:17-20 | 28:17-20 |
| | | | 28:21-22 | 28:21-22 |
| | | | | Phoowuloos Yihudoota Toomaatti labsuu isaa |
| 28:23-29 | | 28:23-29 | 28:23-27 | 28:23-27 |
| | | | 28:28 | 28:28 |
| | | | 28:29 | |
| | | Goollabbii | | Guduunfaa |
| 28:30-31 | | 28:30-31 | 28:30-31 | 28:30-31 |

**MARROO DUBBISAA SADII ("Qajeelcha irraa gara dubbisa gaarii Kitaaba Qulqutti geessu" fuula vii)**
***FEDHA BARREESSAA KA'UMSA SADARKAA KEYYATAATTI HORDOFU***

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti, kanaaf hiikkaa keetiif Kitaaba Qulqulluu keetiif, ittigaafatamaadha. Tokkoon tokko keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluu keefi, hafuurri Qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdan.

Boqonnicha taa'umsa tokkoon dubbisi. Dhimmasaa addaan baafadhu. Hiramsa dubbii kee hiramsa hiikkaale shanan olitti ibsamanii jiran bira qabii ilaali. Buufanni afuurahun miti, garuu fedha barreessaa ka'umsaa hordofuuf furtuudha, suni moo ifa hiikkooti. Buufanni dhimma tokkoo fi tokko qofa qaba.

5. Keyyata duraa

6. Keyyata lammeessoo

7. Keyyata sadeessoo

8. Kkf

**QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFFAMA NASB (Kan fooyya'e) : 28:1-6**
**[1]Nuyis du'a erga Oollee, biyyichi bishaan keessaa sun Malaaxiyaa jedhamee akka waamamu barre. Namoonni biyya sanaas jaalala guddaa nutti agarsiisaa; bokkaan in rooba, in dhaamotas waan tureef, ibidda qabsiisanii hunduma keenya ofitti waaman. Phaawuloos hanxaxii qabara tokko hammaaree ibiddatti nagaan, bofni hadhaa qabu tokko qoraanicha keessa ho'a ibiddaa utuu baqatuu, harka Phaawuloos ciniine. Namoonni biyyasii immoo boficha harka phaawuloositti rarra'u yommuu argan, "Namichi kun nama gumaa ta'uun isaa hin mamsiisu; galaanaan nyaatamuu yoo oole iyyuu, adabni gumaa isa hin jiraachisu" Maliin jedhaa. Phaawuloos garuu boficha sana ibiddatti gad hurgufe, homtuus itti hin hammaanne. Isaa immoo amma iita'a yookiis amma lafa dha'ee du'a jedhanii eegan. Yeroo dheeraa eegaa turaniis waan tokko illee akka irratti hin ta'in arginaan, yaada isaanii geeddaranii, "Inni Waaqayyoo tokko" jedhan.**

**28:1 "Nagaadhaan erga dabarfamaanii"** Kun jecha sozo (cf:22:31) maxxantuu dia-wajjinidha, Kunis yeroo hunda nagaan ga'uu agarsiisa. (cf:23:24:27:44:28:14). Luqaas immoo fayyina foonii agarsiisuuf illee Luq-7:3 kessatti ni fayyadama.

Galumsi raawwatama jechaa Luqaas fayyadamee nagichi waafayyoon kennamuu isaa agarsiisa. (cf:27:21-26)

▣ **"Malaaxiyaa"** Fooneshiyaanonni lafa kana. 'Meeltiyaa' jehanii ni waamu, kun immoo akka jecha kana'aanotaatti "kooluu galuu" jechuudha, kunis jalqabatti koloonii foneshiyaanotaa turti. Innis sisiilii fi kaaba aafrika giddutti argama. Bal'inni lafichaa maayila saddeet, dheerinni isaas maayila kudha saddeet qofa, garuu iddoon argama afichaa daldala galaanarraattiif bu'aa guddaa akk buusu isa godheera. Buufa galaanaa gaggaarii baay'ees qaba ture.

**28:2 "Namoota biyya ssanaa"** kun immoo utuu hin jijjiiramin jechi jechaan yoo hiikame "warra barbara" ta'a kun immoo arrabsoo miti, garuu gamu kallattiidhaan nama afann giriikii yookiin laatiinii hin dubbanne kamiyyuu agarsiisa.

▣

**NASB** **"Gara Laafina dinqisiisaa"**
**NKJV,NRSV,**

**NJB "Gara Laafina hin baramne"**
**TEV " Baay'ee namtti dhiyaatu turan"**

Galeen addatti mul'ifame kun jecha *philantriōpos* jedhu qaba, kunis akka 27:3tti jecha jechaan yoo hiikame "kan namoota jaalatan" jechuudha. Kununnsii fi kennaan addatti namoota niyya sanaan godhames sababa gochaa dinqisiisaa isaan hin eegne phaawuloos bofa cirracha grgara galaanaa sana irratti godheef ture. Kuniifi gochaawwa dingisiisoo biroon (cf.w.7-12), Wangeela lallabuudhaaf karaa bane! Yaadni phaawuloos yeroo hundaa wangeela labsuu irra ture. (I qor,9:19-23)

**28:3 "Phaawuloos Hanxaxii qabaa tokko walitti qabe"** kun dhugaatti phaawuloos ol of gurguddisuu dhiisuu isaa mul'isa. Inni warra kaan hundumaa wajjin hojjataa ture. Erga karaa damaasqootii as hayyummaa hin argisiifme!

▣ **"Darabiin . . . Harka isaatti qabatte"** Hiikaan bu'uraa jechaa kanaa "itti maxxanuu"dha. "Hidduu" yookiin "itti maramuu" ta'uus danda'a.

**28:4 "uumama isa lubbuu qabu"** jechi "uumama" jedhu kun akka jecha fayyaatti bofa hadhaa qabu jechuu ta'a. (cf, 10:12)

▣ **"Haqnii isa hin jiraachisu"** "Haqa" yookiin "Hiree" jechuun maqaa waaqolii isaanii keessaa isa tokko ture. Isaan ciiggoo haalichaa ibsaa turan, kunis amoo 5:19 wajjin wal fakkaata. Lakkoofsi ja'a namoonni biyya sanaa waaqa tolfamaa tokkoo ol waaqessaa akk turan agarsiisa.

**28:6** Namoonni lafichaa waa'ee bofa lafichaa muuxannoo mataa isaanii qabu turan. Yaada isaanii jijjiiruun isaanii tarkaanfiin warra amantii hin qabane Ho.Er 14:11-13 keessatti fudhatanii wajjin wal-fakkaata ture.

▣ **"Iita'a"** Kun jechoota fayyaa Luqaas gargaarame keessatti tokko ture (cf.Lakk.8). Kakuu haaraa keessatti as duwwaatti argama.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): 28:7-10**
**Abbaan biyaa phophli'os jedhamu tokko iddoo sanatti dhi'oodhaa lafa qaba ture; inni mana isaatti nu simatee, guyyaa sadii akka firaatti nu keessummeesise. Gaafas abbaan phophli'oos dhukkuba dhagna gubaadhaafi dhukkuba garaa kaasaatiin dhukkubsatee hin ciisa ture. Phaawuloos immoo isa bira dhaqee, Waagayyoon kadhateefii, harka isaa mataa namichaa irra kaa'ee isa fayyise. Kun erga ta'ee booddee, namoonni biyya sanaa dhukkubsatan hundinuu in dhufan; phaawuloos immoo isaan in fayyaise. Kanarratti isaan ulfina baay'ee nuuf kennanii, yemmuu markabaan adeemuudhaaf kaanes, waan karaadhaaf nu barbaachise nuuf galaasan.**

**28:7 "Dursaa"** jechi kun aanga'aa mootummaa ibsa, jecha jechaan yeroo hiikamu "Isa jalqabaa" jechuudha. (cf. 18:50; luq 19:47, "Kan namootaa" ; 16:12, "kan magaalaa") Kunis barreeffama dhagaa irraa lama irratti argameera, tokko giriikiidhaan tokko immoo Laatiiniidhaan. Yeroo tokko keessa Roomaan lafa kanaaf mirga ofiin of bulchuu fi lammummaa Roomaa laatteefii turte.

**28:8 "Dhukkuba dhagana gubaa fi garaa kaasaatiin qabamee siree irra ciisa"** Malaaxiyaan sababa baakteeriyaa aannaa re'ee irraa dhufuun dhukkuba dhagna gubaatiin beekamtuu turte.

▣ **"Harka isaa isa irra kaa'ee isa fayyise"** Mata duree addaa: harka irra kaa'uu 6:6 irraa ilaali.

**28:9** Xumurri kun Lamaanuu gocha darbe argisiisu, Kun immoo gocha yeroo darbe keessa irra deddeebi'ame yookiin walitti fufee ture mul'isa (Haala argisiirtuu ). Isaan dhufuu ittuma fufan. Waaqayyommoo karaa phaawuloos isaan fayyisuu ittuma fufe.

Jechi afaan giriikii kan jechi "fayyuu" jedhu irraa dhufe, *therapeuō* dha, kana irraa jechi afaan Ingilizii "therapy" jedhu dhufe. jecha kana "tajaajilaaf" akkasumas "fayyisuuf" fayyadamuu daadeenya. Hiikaa galumsaa murtaa'e tokko duwwaatu isa kam akka fayyadamuu nu murteessa.

**BARREEFFAMA NASB (kan fooyya'e) 28:11-15**
**Ji'a sadii booddees markaba Iskindiriyaa, isa ji'a gannaa Maraa xiyaa ba'een kaanee adeemne; markabichi sun bifa ilmaan Zeos isa waaqayyo tolfamaa mataa isaa irraa qaba ture. Nuyi mandara seraakusitti gallee, guyyaa sadiif achi turre. Achiimmoo naannofnee mandara reegiyoos geenye. Borumtaa qilleensi gara mirgaa qilleensa'uu jalqabaan, guyyuma Lammaffaatti mandara photiyoli jedhamu iddoo buufata markabaa dhufne. Mandara sanatti amantoota tokko arganne; isaan torban tokko akka isaan bira teenyuuf uu waaman, utuma akkas jennuu mandara Roomaatti galle. Amantoonni mandara Roomaa waa'ee keenya dhaga'anii kaan hamma gabaa Aphiyoositti, kaan immoo hamma iddoo "Trees Tabeernee" jedhumu tokkootti nu simuudhaaf dhufan; Phaawuloos yemmuu isaa arge, Waaqayyoon galateeffate, ni jabaates.**

**28:11 "Doonii isa bona guutuu lafica ture"** ji'oota bonaa galaani mediteraaniyaanii dha'aa galaanaa guddaa waan qabuuf irra adeemuu hin danda'amu ture. Karaan doonii deeb'ee kan banamu jira guraandhalaa yookiin bitootessa gara dhumaatti.

▣ **"Doonii Iskindiriyaa"** kun doonii midhaanii guddaa kan biraa kan Gibxii gara galoo galaana Napilitti deemuu ta'uu danda'a.

▣ **"Boca bifa obbolootaa lakkuurliin muka israa bocame"** Kun ijoollee zeos warra lakfuu koster fi Polloks jedhamanii bakka bu'a isaan kun namoota bebbeekamoo warra roomaa galaan irra deeman kan gargaaraa turan phasdoon qilleensa, Danbalii fi Dha'aa galaanaa irratti aboo isaaniif kennee ture. Gurmuun urjiiwwanii inni mallattoo Zoodiyaak isa sadaffaa turee fi gatii guddaa qabu sun "Gemin" jedhama. Fuuldura doonichaa irratti bocni isaanii namoota hafuura hamaatti fayyadamuun mantoota diuqisiisoo hojjetan lama fakkaatanii ifatti mul'atu.

**28:12 "Seraakus"** magaalaa guddoo siisiilii gargara galaanaa karaa bahaatti argamtuudha. Buufanni doonii kun malaaxiyaa irraa gara kaabaatti maayila saddeettama ture.

**28:13 "Naannofnee"** barreeffamni durii א (siniaticus), fi B(Vaticanus) "Hiituu doonii" qabu, kun immoo jecha ogummaa. (Kunis amala Luqaas argisiisa), barreeffamoonni durii kan biroon garuu $P^{74}$, $א^{c}$ fi A "bira darbuu" argisiisu, akka 16:8 irratti argamutti.

▣ **"Reegiyos"** kun magaalaa kibba Lixa xaaliyaaniitti argamtu turte.

▣ **"Photiyoli"** Kun galoo galaana naappilitti giddu gala ittiin midhaanni gara Roomaatti geejibamu isa murteessaa ture. Isaanis guyyaa lamatti gara maayila 180 deeman.

**28:14 "Achitti Amantoota *tokko* arganne"** Xaalyaanii fi Roomaa keessa waldaa kiristiyaanotaa Phaawuloostiin hammattaatu ture (cf.V.15)

**28:15 "gabaa Aphiyos"** kun dhuma Adeemsa bidiruu Kibba Xaaliyaanii fi jalqaba karra guddaa Roomaa isa karaa Aphian jedhamu ture. Innis Roomaa irraa maayila 43 ture.

▣ **"Trees Tabeernee"** kun iddoo itti dhaabatanii bogotan kan Roomaa irraa maayila 43 fagaatee argamu ture.

▣ **"Phaawulloos - - -in jabaate"** Phaawuloos ifatti deebi'ee jabina dhabee ture, Innis kanaan waan gaaga'ame fakkaata. Iyyesuusis isa jajjabeessuudhaaf yeroo baay'ee dhuunfaatti isatti mul'atee ture.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): 28:16**
**16Maadara Roomaa yommuu geenyes, [angafni dhibbaa warra hidhaa harka isaa turan, ajajjuu buufata warra loltuutti dabarse], Phaawuloos immoo loltuu isa isa eeguu wajjin mana dugda bitatee akka taa'uuf dhiise.**

**28:16 "yeroo Roomaa Lixee"** kun karaa phaawuloos ittiin gara Roomaa dhufuuf eege hin turre, Garuu, kun karaa ittiin waagayyo Phaawuloos mootummaa Roomaa, loltootaa fi abbootti amantiitti akka dubbatuuf qopheesse ture.

▣ **"Phaawuloos loltuu isa eeguu wajjin mana dugda bitatee akka taa'uuf dhiise"** Phaawuloos manatti hidhame Aanga'ichi itti dhugaa ba'uun isaa murtoo kanaaf meeshaa ture.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): 28:17-22**
**[17]Guyyyaa sadii booddee Phaawulos dura-buutota Yihudoota mandara Roomaa walitti waamsise.Isaan walitti qabamnaan, Phaawulos, " Jarreen obboloota nana, waan tokko illee saba keenya irratti, seera muka abbaa keenyaa irrattis utuun yakka hin hojjetin, hidhameen Yerusaalemii harka warra Roomaatti dabarfamee kenname. [18] Warra Roomaa immoo na qoranii, yakka du'a anatti farachiisu ana irraa dhibnaan akkasumatti gad na dhiisuu barbaadan. [19]Warri Yihudootaa garuu dubbii kanaan waan mormaniif, mootii warra Roomaa dhageessifachuudhaaf nan giddisiifame; kun garuu waan ani ittiin saba koo hadheessu qabaadheef miti.[20]Sababii kanaaf isin argee, isinii wajjin dudubbachuudhaaf sin waameera; anoo isa namoonni Israa'eel abdataniif jedheetan fuuncaa kanaan hidhamee jira" jedhee isaanitti dubbate.[21]warri inni itti dubbate sun garuu, "Nuyi biyya Yihudaarri waa'ee keetiif caaffata hin arganne; yookiis obboloota achii keessaa, dhufee waa'ee keetiif waan hamaa kan hime yookiis kan dubbate tokko illee hin jiru.[22]Haa ta'u malee, waan ati yaaddu utuu si irraa dhageenyee in jaallanna turre;warra amantii keenya irraa addaan cabsate kanaan garuu, iddoo halletti akka ittiin morman in beekna" ittiin jedhan.**

**28:17 "Phaawuloos dubartoota Yihudootaa walitti waamsise"** kun akkataa itti phaawuloos namatti dhiyaatu ture. (cf, Rom.1:16;2:9). Inni haala qabatamaa keessa jiru erga ibseen booda barsiisa wangeelaatiif karaa bana.

**28:18-19** Asittis kaayyoo dhiifamaa Luqaas muldhinatti arguun ni danda'ama! Kiristiyaanummaan warra Roomaatiif sodaa hin turre.

**28:19 "Himatamuu Yihudootaa"** jechi kun durabuutota Yihudootaa warra Roomaatti himamuun keessummat ture. Luqaas Ioudaios (Yihudoota) haala lamaan fayyadama.

1. Lamummaa- 2:5,11; 9:22; 10:22,28; 11:19; 13:56; 14:1; 16:1,3,20; 17:1; 17:10,17; 18:2,4,5,19; 19:10,17,34; 20:21; 21:21,39; 22:3,12; 24:5,9; 24,24,27; 25:8,9,24; 20:7; 28:17
2. Warra jireenya yesuus torban dhumaa isaa arganis dhuga ba'uu dandan -2:15;10:39
3. Maqaa gaarii hin ta'iniin – 9:23; 12:3,11; 13:45,50; 14:2,4,5,19; 17:5,13; 18:12,14,28; 29:13,14,33; 20:3,19; 21:11,27; 22:30; 23:12,20,27; 24:19; 26:2,7,10,15; 26:2,21; 28:19
4. Maqaa gaariidhaan – 13:43; 14:1; 18:2,24; 21:20

Hojii ergamootaa keessatti barreefamni akka gaariitti yaadaichai kun kenuu agarsiisuu danda'u **14:1-2** isa jiruu dha.

**28:20** "**Isa namooni Israa'el abdataniif jedhee**" Phaawuloos dhageefatoota isaa wajiin wal'ii galuuf jecha dura-buutota Yihudootaa caqasa. Inni dura-buutota Yihudootaa kanaa wajiin waan waletti isa fiduu danda'u, "Isa

namooni Israa'el abdotan"  argachuu yaala ture.Phaawuloosiif kun yesuus jechuu tures isaaniif isa dhuguuf abdachiifame, masihiiko yookiin immoo aina ka'uu ta'uu danda'a!

**28:21** Waa'ee Phaawuloosiif ragaan dhobomuun kun tajaajila Phaawuloos adeemsa ergami sadii irratti fi tootewwanii fi guungummii yerusaalem keessatti ka'e keessatti yeroo ilaalamu dinqisiisaa dha.

**28:22** Oduun waa'ee yesuus babal'achaa turuun isaa fi baay'een wangeelaaf gotii akka haasan beekamaadha. Akka Yihudootaatti oduun kun oduu gaarii hin turre!Garuu, dura-buutonni Yihudootaa kun phaawuloosiif gura kenaniiru.

▣ **"Amantii xinnoon kun"** Mata duree addaa ilaali yesuus nama naajireet 2:22 irraa.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): BARREEFFAMA NASB (kan fooyya'e) : 28:23-29**
**Jarri Phaawuloosii wajjin dhaaba godhatanii baay'atanii mana inni taa'u dhugan Phaawulees immoo ganamaa hamma galgalaatti yaada isaa isaanitti mul'isee, waa'ee mootuumaa Waaqayyoo isaanitti dhugaa ba'ee. Inni macaafa musee fi macaafota raajotaa keessa isaan hubachiisuudhaan, waa'ee yesuus tole isaan jechisiisuu yaale. Isaan keessaa kaan dubbii Phaawulees dubote tole jedhan, kaan garuu hin amanne. Waldhabanii utuu isaan achii hin ka'in phaawuloos dubbii tokkicha kannan isaanitti dubattef "Hafuuri qulqulluun Afaan Isaayaas raajichaan abboota keessanitti; 'gara saba kanaa dhaqi jedhiinii, dhaga'uu in dhageessu garuu hi hubattan, ilaaluu in ilaaltu, garuu hin argitan. Yaani garaa saba kanaa hubachuu dadhabeera: gurra isaanii cuqaalaniiru, ijia isaaniif dunnufachiisaniiru. Silaa'oo, ija isaaniitiin in argu, gurra isaaniitinis in dhaga'u turan; yaada garaa isaaniitiin in hubatu gara kootii in deebi'u turan; anni immoo isaan nan fayyisan ture' yemmuu jedhe ba'eessa dubate. Egaa fayyisuun waaqayoo kun warra saba isaa hin ta'iniif akka darbe beekaa; isaan immoo in dhaga'u" jedhe. [Erga inni kana jedhe boodees, warri Yihudootaa waliin morkachaa isa biraa adeemon]**

**28:23 "Ganamaa hanga galgalaatti . . . baayinaan . . . dhufaa turan"** Phaawuloos waa'ee amaatii kiristiyaanumaa guyyaa guutuu isaan hubachiisaa oole! carraa dinqisiisaa akkamiitti!

▣ **"Mootummaa Waaqayyoo"** Kun barsiisaa fi lallaba Yesuus keessatti ergaa isa guddaa ture. Kun immoo jereenya amantootaa keessatti dhugaa qabatamaa fi fuula duratti immoo guutummaa biyya lafaa irratti kan raawatamuudhaaf (cf.v.20) 2:35 irratti mota duree addaa ilaali.

▣ **"Maacafa musee fi Macaafota raajotaa irraa"** Kun seera warra Hibirootaa sadan isa guutummaa kakuu moofaaf dhaabata keesaa lamaan isaa ture (cf. Mot.5:17;7:12;40: luq 16; 16;24:44; HoE 13:13:28:23) Haalli barsiisa Phaawuloos (dhristological tyloology fi raajii) barreefamoota kakuu moofaa jireenya yesuusii wajjin wal simiisuu ture.

**28:24** kun dhoksaa wangeelaa calaqisiisa. Sababiin warri kaan amananiifi warri kaan hin amannef dhoksa Waaqayyoo issa hundumaa danda'uu fi jedha namaatti.

Karaa tokko yoo ilaalame tajaajilli Phaawuloos Yihudoota Roomaa jirrataniif godhe tajaajila Phaawuloos guutumaatti kan calaqisiisuudha. Duraandursee Yihudootaa wajjin hirmaate. Inni yesuus barreefamoota kakuu moofaa kabajuu isaa isaanii wajjin hirmaate. Muraasni ni amanon harki caalaan garuu ni didan. Kunis kakuu moofaa keessatti raajamee ture.

**28:25-27 "Hafuuri qulqulluun karaa Isaayyaas ba'eessa godhee dubate"** Kun ilaalcha Phaawuloos amanuu diduu Yihudootaatiif qabu mul'isa! Warraabbiin lakkoofsa 26-27 keessaa isa 6:9-10 irraa fudhatame. Amanuu diduu namootaa mul'isuus yesuus yeroo baay'ee lakkoofsa kana fayyadameera (cf. mot-13:14-15; marq 4:12, luq 8:10, Yoh 12:39-40) Hamma yeroo kanaatti Phaawuloos gara warra Roomaatti boqonnaa 9:11 barreessee ture (Isiraa'el maaliif misihii ishee fudhachuu dadhabde?) Isiraa'elonni kakuu moofaa keessattis guutummaatti hin amanan turan. Hafteen amantii jira ture, harki caalaan garuu kan hin amanne turan.

**28:28 "Fayyisuun Waaqayyoo kun warra saba Waaqayyoo hin ta'iniif akka darbe"** Kun immoo far- 67, keesummaa immoo lakk -2 wajjin wal nama jalaa dha'uu danda'a. Kan guutummaa biyya lafa godhamee ilaalamuun kiristaanummaa kun jeequmsa yerusaalem keessaa fi Yihudoota baay'eef immoo rakkoo walitti fufaa dhaaf sababa ta'e. Kun immoo akka umr 1:26, 27; 3:15, 12:3, tti fudhatama ni qabaata. Macaafa Isaayyaas, miikiyaasii fi yoonaas keessatti raajiin dubatamee ture. Phaawuloos efe- keessatti iffatti akka kaayyoo bara baraa Waaqayyootti ibsa.

▣ **"Isaanis in dhaga'u"** Kun dhugaa Rom- 9-11 keessa jiruudha.yihuudonni sababii masihichi haala isaan eegaa turaniin hin dhufnee fi Wangeelli saba hundumaaf balbala waan baneef Masihicha fudhachuu dadhaban.

Dhimmi Kakuu Moofaa dhima Giriikotaa fi Yihudootaa kun turre, garuu dhimma warra amananii fi hin amannee ture. Dhimi kun eenyumaa haadha namaatiin wal hin qabatu ture, garuu lapheen namaa Hafuura waaqayyoo fi Ilmo Waaqayyootiif bannameera?!

**28:29** Lakoofsi kun barreefama Giriikii isa durii keessatti irra ce'amee ture $P^{14}$ א, A, B, fi E barreefama Giriikii P fula-dura jiru kamiyyuu keessatti hin argamu, kun immoo dhaloota kiristoos dura jaarraa ja'affaa keessa ture.

**BARREEFFAMA NASB (KAN FOOYYA'E): 28:30-31**

[30]**Akkassitti Phaawuloos waggaa lama guutuu mana ofii isaatii dugda bitate keessa taa'ee, warra gara isaa dhufuu hunda in simata ture.** [31]**Ija jabina guutuudhaan dhowwaa malees mootummaa waaqayyoo in lallaba, waa'ee yesuus kirrstoos gaaftichas in barsiisa ture.**

**28:30 "Wagaa lama guutuu"** Kun ta'uu kan danda'u Yeroo geesaar bira ga'uuf barbaachisu (1) Yeroo waraqaa haaraa feestus irraa argachuuf barbaachisu (2) yeroo dhuga baatota ijia fi yerusaalem eeguudhaaf dirqama ture; yookaan (3) dirgama seeraatiin walitti dhayaata Phaawuloos kan inni xalayoota isaa mana hidhaa harreesse yeroo kana ture (Luq, Efe, Filem, fi Filip)

▣ **"Mana Ofii isaatii dugda bitate keessa"** Phaawuloos madda galii mutaa'e qaba ture: (1) Inni duukaana hodhaa ykn hojii gogaa irra ture; (2) Waldootaan gargaaramaa ture (Teselonfe fi philiphisios); or (3) Dhaala mutaa'es qaba ture.

▣ **"Simannaa"** Luqaas yeroo baay'ee jecha kana ibsa "Simannaa onnee irraa ta'e" jedhu wajjin gargaarame (cf. 18:27;28:30 fi parade chiomai 15:4 keessatti) . Yesuus tuuta namootaaiin simatamuu isaa argisiisuufis Luqaas 8:40 fi 9:11 keessatti fayadeera. Simannaa Lallabaa wangeelaa Pheexroos HEZ: 41 godheef fayyadeera.

▣ **"Warra gara isaa dhufan hunda"** Kun rakkoo ture wangeelli Phaawuloos addunyaa hundumaa kan qaqqabu ture. Innis namoota hundumaaf "Oduu gaarii" ture, yihudoota duwwaadhaaf hin turre!

**28:31 "Lallabuu . . . barsiisuu"** Waldaan Ergamoota duraa isheen durii karaawwan lamaan dhugaan ittiin ibsamu gidduutti garaagarummaa keessi, barsiisi dheeraan Hojii Ergamootaa keessatti (Pheexiroos, Iscifaanoos, Phaawuloos) *Kerygma* (labsii cf. 20:25; 28:31; Rom. 10:8; Gal. 2:2; 1Far. 9:27; 2Xim. 4:2), barsiisi Yesuus kan xalayoota keessatti hin kame immoo *Didache* jedham (teaching cf. 2:42; 5:25; 13:12; Rom. 16:17; 1Far. 14:20).

**28:31 "Mootummaa Waaqayyoo"** kun gulummoo lallaba yesuus ture. Kunis kan agarsiisu mootummaa Waaqayyoo amma laphee namaa keessatti isa gara fuula duraatti akkuma waaqa irratti ta'e lafa irrattis akka raawwatu dha. Barreeffamni kun mata-durichi yihudoota duwwaaf akka hin taanes ni muldhisa. 2:35 irraa mata duree addaa ilaali.

▣ **"Goofticha" "Gooftaan"** hiika jecha hibiraayistiin *adon* jechuudha jechuunis "abbaa qabeenyaa abbaa manaa, gooftaa ykn bulchaa" jechuudha. Yihudoonni maqaa amantii YHWH jedhu of tuulummaa dhaan fi yeroo abbooummii kunan keessaa tokko cabsan dubachuu ni sodaatu ture sababa kanaaf hiika ingiliffaa isa kakuu

moofaa keessatti YHWH jedhuuf qubee gurguddaadhaan "LORD" jedha. Maqaa kabajaa (*kurioz* afaan giriikiitti) yesuusitti dabarsuudhaan, barreessitoonii kakuu haaraa waaqummaa isaa fi walqixxumma inni abbaa wajjin qabu ibsu.

▣ **"Yesus"** "Yesuus" maqaa ergamaa waaqayyootiin mucaa Beteliheemiitt dhalateef kennamee ture (cf. mat 1:21). Innis maqaa ibirayisxii lama; YHWH; maqaa kakuu maafummaa agarsiisu, fi "fayyina" (jechuunis –Hose) irraa dhufe, maqaa ibra'isxii Iyaasuu jehu wajjin tokkodha yeroo kophaa dhaabatu yeroo hundumaa yesuus nama naazreet ilma maariyaam agarsiisa.
(ex. matt. 1:16, 25:2:1; 3:13, 15,16)

▣ **"Kiristoos"** "Kiristoos" jechuun afaan girii kiitti hiika jecha afaan ibraisxii *Masihii* jehutti (jechuun isa dibame) kunis kakuu moofaa keessatti yeruus isa YHWH, dhaan kakatame, bara qulqullummaa haaraa fiduudhaaf ergame ibsa.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"Gutummaatti banamaa kan hin qabamne"** |
| **NKTV** | **"Ofitti amanamummaa guutuudhaan, enyullee kan isa hin dhowime"** |
| **NRSV** | **"Homaa kan hin sodaaunee fi kan hin dhaabamnee"** |
| **TEV** | **"Sodaa tokko malee fi bilisummaadhaan kan dubbatu"** |
| **NIB** | **"Sodaa tokko malee fi abaa eenyullee malee"** |

Lakkoofsi kun bulchitoonni Roomaa kiritaanummaan akka waan miidhaa fiduutti akka hin ilaalle agarsiisa. Barreeffamni Giriikii xumura "kan hin sodaanne" ykn "kan hin daangeffamane jechuun dhuma. kun immoo amata hojii labsii isaatti fufaa fi humna hafuurichaa guddisee mul'isa.

Baay'een HoE 1:1 keessatti galuusa jecha "isa jalqabaa" jedhu isa lamaa ol agarsiisu irraa ka'uudhaan Luqaas macaafa sadaffaa barreessuudhaaf karoorsuu isaa falmamu. Warri macaafni 3[ffaan] kun xalayoota ergaa (1xu, 11 xim fitiitoo) ta'uu danda'u jedhan illee jiru.

Jecha giriikii (*parrhēsia*) jedhu kan "banaa ta'uu" NASB dhaan hin kamuus mata duree addaa 4:29 irraa ilaali.

## GAAFFILEE MARII

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabara qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. HoE Phaawuloos mana hidhaa utuu jiruu maliif dhuma? Maaliif akka tasaa dhuma.
2. Luqaas adeemsaafi turtii isaa Roomaa ibsuu dhaan yeroo dheeraa maalif fudhata?
3. Phaawuloos yeroo hunda maaliif duraan dursee yihudootaaf dhugaa ba'a?
4. Garaagarummaa *Kerygma* fi *Didache* gidduu jiru ibsi.

## HAFAA TOKKOFFAA

### Ibsaa ifaa jechoota seerluga Griikii

Ibsa bal'aa jechoota seerluga Giriikii Konee Giriik, Helenstiik Giriik jechuun beekamu, bara injifannoo Aleksaander Ze gireet (336-323 D.K) qabee hanga waggaa dhibba saddeti (300 D.K-D.B 500)ti afaan biyyoota naannoo galaana Meeditaraaniyaana ture. Afaan Giriik isa salphaa osoo hin taanee, afaan Giriik bifa haaraa ka'ee afaan lammataa addunyaa Meeditaraaniyaanaa fib aha dhiyoo ta'eti.

Kakuu Harawaa addadha sababnis itti fayyadamtoonni Luqaasin barreessaa Ibrootaan alatti, hundi afaan Aramaanaa akka jalqabaatti fayyadamu. Kanaaf barruunsaanii akka dubbii fi caasaa afaan Aramaan cunqurfama isaanumtu moo Septuagint (hiikkaa Kakuu Moofaa Giriik) afaan giriik barreeffame waan dubbisaniif ni waraabbatu ture. Garuu Septuagint hayyoota yihudaan afaan dhaloota Giriik hin qabneen barreeffame.

Kunis Kakuu Harawaa gara caasaa Seerlugaatti akka nutti cimsinee hin dhiibne nu yaadachiisa. Adda ta'ees wanni inni qixxeetti qabu (1) Septuagint (2) barruu yihudootaa kan akka Yoseef; fi (3) Paapirasa Misiritti argameedha. Eegasuu akkamitti xinxala Kakuu Haarawaati dhiyaachuun danda'amaa?

Haalli seerluga konini Giriikaa fi Kakuu haarawaa koyiha Giriikii dhagalaasadha. Yerichi yeroo seerluga salphisan ture. Yaadatu nu hoggana. Jechoonni yaada dheeraa keessatti hiikkaa argatu, kanaaf, seerrilugni kan hubatamu ifaa (1) biddiqa barreessa adda fi (2) yaada adda keessattidha. Hiikkaan xumuraa caasaa fi bifa Giriik tokkoyyu hin danda'amu.

Afaan koyine Giriik afaan dubbiiti. Ijoon hiikkaadhaa gosaa fi bifa dubbiiti. Gaalee heddu keessatti gochimni dursee dhufeeti, caalmaasaa agarsiisa. Gochima Giriik xinxaluuf odeeffannoon maddee sadii hubatamu qaban (1) xiyyeeffannoon henna, sagalee fi muudii (ta'insa ykn mortoolojii); (2) hiikkaa bu'uuraa gochimaa (lexicography) fi (3) dhangalaasa yaadaa (syntax)

I. HENNAA

A. Hennaa ykn haalli walitti dhufeenya gochimaa sadarkaa gocha guutuu ykn hin guunneeti ilaala.
   1. Hennaa sirraa'aa mudata gocha irratti xiyyeeffata. Odeeffanno dabalataa hin kennu. Egalli, itti fufinsii ykn fiixee hin beekkamu.
   2. Hennaan hin sirraaiin itti fufinsa gochaa irratti xiyyeeffata gocha cinaa, gocha turti, gochi tarkaanfii jechuun ibsamuu ni danda'a.

B. Hennaan akkaataa barreessaan gochoota ittin ilaaluun kurfeessuun ni danda'ama
   1. ta'eera = AORIST
   2. ta'eera fi jiraa = PERFECT
   3. ta'ee ture fi jiraa, garuu amma miti = PLUPERFECT
   4. ta'aatti jira = PRESENT
   5. ta'eetti jira = IMPERFECT
   6. ta'uutti jira = FUTURE

Fakkeenyi qabatamaa akkatti hennaan kun hiikkaa keessatti fayyadu kan agarsiisu jecha "fayyina" jedhudha Henna gara garaa keessatti deemsaa fi fixee agarsiisa.
   1. AORIST – "fayyeera" (Rom 8:24)
   2. PERFECT – "fayyeera fi fayyuutti jiraa" (Efs 2:5-8)
   3. PRESENT – "fayyaatti jira" (1Qor 1:18; 15:2)
   4. FUTURE – "fayyaatti jira" (Rom 5:9, 10; 10:9)

C. Hennaa gochimarratti xiyyeeffachuun hiiktooni sababa filannoo barreessan ittin of ibsuu barbaade kaa'u. Sadarkaan henna "maxxarri hin qabne" AORIST dha. Gochima idilee "hin addoomne" in mallattoomne" ykn "hin tuqamne"dha. Bifa hedduun faayidaa kennuu ni danda'a. Wanni tokkoo ta'uusaa qofa kaa'a. Haalli darbe muudii agarsiisaa keessatti qofa yaalama. Yoo hennaan kan biroo kan fayyadu jiraata, wanni addaa ta'eef xiyyeeffannoon kennama. Garuu maal?
   1. Hennaa sirraa'aa kun gocha xumuramee bu'aa amma waliin jiru kan agarsiisudha. Karaa ta'een moo walmakoo AORIST fi HENNAA AMMAAti. Xiyyeen bu'aa jiraa sanidha ykn xumura gochichaati. Fkn Efs 2:5 fi 8, "fayyiteeta, fayyinni kees itti fufeera"
   2. PLUPERFECT HENNAA TENSE

Sirraa'aa ta'eeti bu'aan garuu dhaabbateera. Fkn "Pheexroos ala balbalarra dhaabbatee ture" (Yoh 18:16)

3. HENNA AMMAA (PRESENT TENSE) Kuni gochaa hin sirraa'iin ykn hin xumuramiin dubbata. Xiyyeeffanni itti fufinsa ta'aati. Fkn "kan isaan qabame cubbamuutti hin fufu" "Eenyullee isaan dhalate cubbamuutti hin fufu (1Yoh 3:6 fi)
4. HENNAA HINSIRRAA'IIN (IMPERFECT TENSE) walitti dhufeenyi henna jiru moggoyina sababaan adda bahudha. Hin sirraa'iin kan dubbatu gocha hin xumuramne ture amma garuu dhaabbate ykn jalqabnisa darbeerudha. Fkn: "Yeruusaalem hundi garasaa dhufaa turani" ykn "Yeruusaalemoonni cufti garasaa dhaqaa turan" (Matt 3:5)
5. HENNAA TA'ATU (FUTURE TENSE) kun gocha fulduratti ta'uuf yeroo qabatee jirudha. Kan xiyyeeffatu moo gocha ta'uuf jiru irratti odoo hin taane humna ta'iinsa irrattidha. Mirkana ta'iicha haasa'a. Fkn "Warrii eebbifaman … ni …" (Matt 5:4-9)

II. SAGALEE

A. Sagaleen walitti dhufeenya gocha gochimaa fi abhimaa gidduu jiru ibsa.
B. Sagaleen si'ayina, abbaan himaa gocha gochimaan hojjetuu kan mirkansu karaa idilee, eeggamaa fi cicha hin qabnedha.
C. Sagaleen al si'ayinaa jechuun ab himaa gocha gochima nama alaan hojjetame yeroo fudhatudha. Namni alaa gocha kana godhu Kakuu Harawaa keessatti kan tuqame yoo ta'u durgala fi sababa armaan gadiini.
   1. bak bu'aa kallatti dhuunfaa hupo, sababa ABLATIVE wajjiin (Matt 1:22; HoE 22:30)
   2. bak bu'aa giddu deemaa dhuunfaa dia sababa ABLATIVE wajjin (Matt 1:22)
   3. bak bu'aa namaa ala eru sababa meeshaalee wajjin
   4. yeroo garii bak bu'aa nama ykn namaa ala ta'a sababa meeshaalee qofaan.
D. Sagalee gidduu jechuun abi himaa gocha gochimaa hoomishun darbees irratti hirmaachuun beekkama. Fedhi dhuunfaa alfagoo jedhame yaamama. Ijaarsi kun ab himaa ykn ab hirkatoo(clause) muldhisa. Ijaarsi akkanaa Infiliffa keessa hin jiru. Giriik keessatti carraa hiikkaa fi jijjiirraa bal'oo qaba. Fknaaf

1. (REFLEXIVE) – gocha kallattiin abbaan ofirratti godhu fin "of fannies" (Matt 27:5)
2. (INTENSIVE) – ab himaa gocha ofii jedhe uume. Fkn "seeyxanni ofiisaa akka ergama abbaa ifaatti of fakkeesse of dhiyeesse) 2Qor 11:14)
3. Gargalcha (PRECPROCAL) – haasawa walii ab himaa lameen gidduu fkn "walii walii agarsani (Matt 26:4)

III. MUUDII (ykn MODE)

A. Koniye Giriik keessatti moodii afurtu jira. Walitti dhufeenya gochimni dhugaa jirutti qaba agarsiisu, yoo xiqaate sammu barreessaa keessatti. Muudiin ramaddi guddaa lamatti qooddamu: isa dhugaa agarsiisu (AGARSIISAA) fi isa humna ta'insa agarsiisu (SUBJUNCTIVE, IMPERATVE, fi OPTATIVE)
B. Muudiin AGARSIISAA muudii qixaa gocha ta'ee jiru kan agarsiisudha. Ykn yoo xiqqaate yaada barreessaa keessati ta'aa jiru kan agarsiisudha. Muudii Giriik qofatu yeroo sirrii agarsiisa, inni kun ykn sadarkaa lammataati.
C. Muddiin (subjunctive mood) gocha fulduratti feetu ta'uu danda'u ibsa. Hanga ammaa waan hin taane garuu moo ta'uudhaaf kan carraa qabudha. Agarsiisa (Inductive mood) wajjin walfakkeenya ni qaba. Garaagarten jiru (subjucive) shakki hanga tokko waan qabudha. Afaan Ingiliffaa keessatti isaan kun jechoota akka "could" "would" "may" ykn "might" jedhuun ibsama.
D. Muudi (OPTATIVE MOOD) kun fedhii manaamaan ta'uu danda'u kan ibsudha. (subjunctive) caala dhugaarraa sadarkaa tokko fagaata. (Optative) ta'u danda'uu kana hala amuraasa jala kaa'a.

(optaive) Kakuu Haarawaa keessatti baayye xiqqoodha. Itti fayyadamnisaas gaalee jecha Phaawuloos "gonkumaa ta'uu hin danda'u) jedhu yeroo kudha shan itti gargaaramedha. (Rom 3:4, 6, 31; 6:2, 15; 7:7, 13; 9:14; 11:1; 1Qor 6:15; Gal 2:17; 3:21; 6:14). Fkn birooon Tas 1:38; 20:16, HoE 8:20, fi 1Tas 3:11 keessattidha.

E. Muudii (IMPERATIVE Mood) Fedha isa dubbatu irratti hunda'auun ajaja godhamuu danda'uu kan cimsudha. Filannoo Ormaa irratti hundaa'eet gocha qofa mirkaneessa. Kadhataa fi gaaffii nama sadaffaa keessatti itti fayyadama (imperative) addaatu jira. Ajajni kunis henna (Aorist) fi ammaa (present) Kakuu Haarawaa keessatti qofa argama.

F. Seerlugni garii (participle) akka garee muudii tokkootti ni ilaalu. Kakuu Harawaa Giriik keessatti beekkamaadha akka (verbal adjuctive) ti fudhatamas. Gochima itti jiran wajjin walitti fudhamaniitu hiikkamu. Karaa hedduudhaan isaan hiikuunis ni danda'ama. Hiikka afaan Ingiliffaa hedduu ilaalunis gaariidhaa. Tahe bible ni Twenty Six Translation jedhu Bakeerin bareeffame asitti ni gargaara.

G. Aorist active indicative wanna ta'e tokko homaa utuu itti hin dabaliin qixumaan karaa itti galmaa'udha. Hennaan biroo, sagaleen wanna barreessichu dubbisuu barbaadu ibsa addaa qabu.

IV. Name afaan Giriik wajjiin wal hin beekneef gargaartuun qo'annoo itti aanee jiru odeeffanno barbaachisaa ni eknnaaf

A. Firberg, Baarbaaraa fi Ximooty, Analayitical Giriik New Testament, Grand Rapid: Baker 1988
B. Marshall, Alfred, Interlinear Greek-English New Testament, Grand Rapids: Zondervan, 1976
C. Mounce, William D. The Analytical Lexicon to the Greek New Testament. Grand Rapids: Zondervan 1993
D. Summers, Ray Essentials of New Testament Greek, Nashville: Broad man 1950
E. Barnoonni halaalaa fudhatamoo qabu kan afaan Giriikii Dhaabbata Moody Bible Institute jedhu Chikaagooti argachuun ni danda'ama.

**V. MAQOONNI**

A. Maqoonni akk sababaan qooddamu. Sababni moo gosa maqaa walitti dhufeenya gochimaa fi qaama himaa hafetti qabu kan agarsiisudha. Afaan koyinee Giriik keessatti faayidaan sababa kanaa durgaaleen ibsamu. Egaa gosti sababaa kun walitti dhufeenya gara garaa agarsiisuu danda'ani, durgaalli kunneen faayidaa kanatti addaan baatee ifa ta'e ni agarsiisu.

B. Sababaan Giriik garee saddeet itti aanee jiruutti qooddamu

1. Sababa (Nominative case) maqaa baasuuf kan fayyadu ta'eet abbaa himaa ykn abbaa dha. Darbe maqaa predicate nouns fi "to be" ykn "become" wajjin hojjeta.
2. Sababa (Genitive case) ibse kennuuf fayyada ykn jechicha irratti sadarkaa qulqullinaa kennuun ni firoomsa. Gaaffii "gosa kam?" jedhuuf deebii ni kenna. Yeroo baayyee durgaale afaan Ingiliffaa "of" jedhuun ibsama.
3. Sababa (ablative case) bifuma (gentive) ta'eeti, garuu addaan bahiinsa agarsiisa. Kunis addaan bahinsa waan ta'ee yeroodhaan, iddoodhaan, maddaan, uumamaaan, ykn sadarkaadhaan. Durgaala afaan Ingiliffaa "from" jedhuun ibsama.
4. Sababa (dative case) fedhii dhuunfaa agarsiisuuf fayyada. Kun haala gaarii ykn bitaa agarsiisu danda'a. Kun waan harka naannessaan godhamedha. Dugraala afaan Giriik "to" beekkama.
5. Sababa (locative case) Bifuma (dative case) Bifuma 9dative) dha. Sadarkaa ykn iddoo Yeroodhaan iddoodhaan, daanya sirriin agarsiisa. Durgala afaan Ingiliffaa "in, on, at, among, during, by, upon, fi beside" jedhaniin ibsama.
6. Sababa (instrumental case) Bifuma (dative) fi (locative) dha. Fala ykn hidhata kan agarsiisudha. Durgala afaan Ingiliffaa "by" "with" ibsama.
7. Sababa (accusative case) xumura gochaa agarsiisuuf fayyada. Daangeeffamas ni agarsiisa. Faayidaansaa guddaan wanna kallattiin ta'edha. Gaaffii "akkamitti" ykn "hanga kamitti?" jedhuuf deebii ni kenna.
8. Sababa (vocative case) kallattiin gahuu agarsiisa.

**VI. Walitti Gudunfituu fi Qabsiisee**

A. Afaan Giriik sababa gudunfituu hedduu qabuuf afaan murteessaadha. Ilaalcha ( hima fi buufata ) gudunfu. Hafuunsaanii barbaachisummaasaanii godhe fi kallatti ilaalcha barreessaa wanna inni qunnamu barbaadu murteessuuf barbaachisoodha.

B. Amma asitti hiikkaan walittiqabsiiftuu fi walitti guduunfituu tarreeffameera (odeeffannoon kun kitaaba Amanual Grammar of the Greek New Testament jedhu, H.E.Daanaa fi Julins K. Maanteyesin barreeffame irraati.

1. Gudunfituu yeroo
   a. epei, epeide, hopote, hos, hote, hotan (subj) – "yoom"
   b. hoes – "wayita"
   c. hotan, epan (dhim) – "yoomiyyuu"
   d. hoes, achri, mechri 9dhin) – "hanga"

e. priv (infin) – "dura
f. hos – "egaa" "yoom" "akka"

2. Gudunfituu amansiistuu(logical)
   a. akeeka
      (1) *hina* (dhim), hopos (dhima), hos – 'sun akka ta'uuf" "sun"
      (2) *hoste* (articular accusative infinitive) "sun"
      (3) *pros* ( articular accusative infinitive, kan dhuma hin qabne ) ykn eis articular accusative infinitive "sun"
   b. firii (bifa seerluga akeekaa fi firii giddii walitti, dhiyeenyi jira
      (1) hima (hin lakka'amu, beekkama) – "akka sanitti" "kanaaf"
      (2) hima (dhim) – "sanaafu"
      (3) *ara* – "egaahoo"
   c. Sababa
      (1) *gar* (sababa/ firii ykn sababa/xumura) – "fi" "sababa"
      (2) *dioti*, hotiy – "sabab"
      (3) *epei*, epeide, hos – "eega"
      (4) *dia* (accusative wajjin) fi (articular dhuma hin qabne wajjiin) "sababa"
   d. goolabbii
      (1) *era*, poinun, hoste – "kanaafuu"
      (2) *dio* (waliingaa goolabbi jabaa) "kanarratti" "eessarratti" "kanaafu"
      (3) *oun* – "Kanaafuu" "egaa" "achii" "itti aanee"
      (4) *tanoun* – "akka kanatti"
   e. faallina ykn fuggina
      (1) *alla* (faallina jabaa) – "garuu" "malee"
      (2) *de* – "garuu "haata'uti" "ammalle" "gama biraan"
      (3) *kai* – "garuu"
      (4) *mentoi*, *oun* – "haa ta'utii"
      (5) *plen* – "yoo kan malee" (keessattu Luqaas keessatti
      (6) *oun* – "haa ta'uuti"
   f. morkii
      (1) hos, kattios (gaalima morkii beeksisu)
      (2) kata (jech tishoo, katto, kathoti, kathosper, kathaper
      (3) *hosos* (Ibroota keessa)
      (4) *e* – "achii"
   g. fulla'iina ykn fufina
      (1) *de* – "fi" "amma"
      (2) *kai* – "fi"
      (3) *tei* – "fi
      (4) *hina*, oun – "sun"
      (5) *oun* – "achi" (yohaannis keessatti)

3. fayyadama xiyyeeffannoo
   a. *alla* –
   b. *ara* – "dhugaati"
   c. *gar* – "garu dhugaati," dhugaatti
   d. *de* – "dhugaatti"
   e. *ean* – yoo dhibe
   f. *kai* – "yoo dhibe" "dhugaati" "dhugumati"
   g. *mentoi* – "dhugaatti"
   h. *oun* – "dhugumatti" 'waan hundatti"

VII. Hima Haalaa

A. Hima haalaa jechuun gaalima hirkataa tokkoo fi tokkoon ol kan qabatedha. Caasni seerluga kanaa hiikkaa ni gargaara. Sababnisaas haala, sababa ykn ka'umsa gochaa gochimaa itti ta'uu fi ta'uu dhabuu

ni agarsiisa. Gosti haallimaa afuurtu jira. Dhugaa kallatti barreessichaan jiru irraa gara hawwitti jiru qofatti dhiibee geessa.

B. Haallima sadarkaa duraa gocha ibsame ykn gama barreessaan dhugaadha jedhame tilmaamamu ykn akeeka isaaf "yoo" dhaan ibsama. Qabiyye heddu keessatti "eega" jedhame hiikkama (Matt 4:3; Rom 8:31) Haa ta'uuti, kun jechuun sadarkaan duraa gara dhuugaatti jiru jechu miti. Irra deddeebia'nii qabxii agarsiisuuf ykn faallaa tuqatuuf fayyadu (Matt 12:27)

C. Haallima sadarkaa lammata "dhugaatti fuggina" jedhama. Waan dhugaa hin ta'iin agarsiisa. Fkn
   1. "yoo dhugumatti inni raajii ta'e, mitiif malee, waa'ee dubartii isatti maxxantee amalaa fi eenyummaa ni beeka ture. Garuu hin beekne." (Tes 7:39)
   2. "yoo dhugumatti Muusee amantan, silaa hin gootani, ana amantani, hin goone" (Yoh 5:46)
   3. Osoon ammallee namootatti gammachiisuuf yaala ta'ee, hin gooneef malee, tajaajilaa Kiristoos isaan amma ta'e kana hin t'auun ture" (Gal 1:10)

D. Sadarkaan sadaffaa gocha fulduratti ta'uu danda'u ni dubbata. Carraa ta'uu danda'uu tilmaamsa. Waan akka carraatti ta'e agarsiisa. Gochi gochima muummee gaallima "yoo" keessatti gochichaaf carraa ta'a. Fkn 1Yoh keessaa 1:6-10, 2:4, 6, 9, 15, 20, 21, 24, 29, 3:21; 4:20; 5:14, 16

E. Sadarkaan afraffaa carraa ta'uu danda'uu irra haqamaadha. Kakuu Haarawaa keessatti ni xiqqaata. Akka carraa ta'ee, Haallimni sadarkaa afraffaa guutuun haalli itti lameen qaamni himaa hiika kennan hin jiru. Fkn sadarkaa afraffaa gaallima baniinsaa 1Phex 3:14ti. Fkn sadarkaa afraffaa gadima xumuraa HoE 8:31.

VIII. DHORKAA

A. Present imperative meparticli gocha ta'aa jiru dhaabuuf xiyyeeffanno godha. Fkn "duurooma lafarratti kuufachuu hin yaaliinaa…" (Matt 6:19) "waa'ee jireenya keesanii yaaduu dhaabaa…" (Matt 6:13) "Nafa qaama keessanii meeshaa cubbuu gootanii dabarsitanii hin kenninaa…" Rom 6;13" Afuura Qulqulluu Waaqayyo hin arrabsinaa…" (Efs 4:30) "dhuganii machaahu dhaabaa…" (5:18)

B. Aorist subjunctive imperative meparticle wajjin moo "gochuu hin eegalin ykn hin jalqabin" kan jedhu qaba. Fkn muraasni "Tilmaamu hin eegaliin…" (Matt 5:17) "hin shakkinaa… (6:31) "hin qanaaftani… (2Xim 1:8)

C. Double negative moodii subjunctive wajjin bitaatadha "gonkuma, yomumaa" ykn "haaluma kamiinuu" fkn "bara baraan hin du'u" (Yoh 8:51) "matuma ani" (1Qor 8:13)

IX. Maqmaxxan

A. Afaan kooyinu Giriik keessatti maqmaxxan murtaa'aa "the" faayida afaan Ingiliffaan walfakkaatu qaba. Faayidaan guddaa "agarsiisumma" gara jechaa, maqaa ykn gaalee ni qaba. Kakuu Haarawaa keessatti tajaajillisaa abbaarraa abbaati gargaridha. Maqmaxxan murta'o dabale kan fayyadu.
   1. akka meeshaa fugginaa akka maqdhaal eertuu.
   2. matiima ykn nama dursee beeksifame akka mallattooti agarsiisu
   3. matiima hima keessa jiru gochima karaatti adda baasanidha. Fkn Waaqayyo afuuradha" (Yoh 4:24) "Waaqayyo ifadha" 1Yoh 1:5 "Waaqayyo jaalaladha." 4:8,16.

B. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingiliffaa maqmaxxan 'a" fi "an" hin qabu. Dhabamuun maqmaxxan jechuun
   1. Xiyyeeffanno amala ykn sadarkaa waan ta'e
   2. xiyyeeffannoo garee waan ta'ee jechuudha.

C. Hanguma fayyadama maqmaxxana barreessitonni Kakuu haarawaa gargari

X. Kakuu Haarawaa Giriik keessatti karaa itti xiyyeeffanno agarsiisan

A. Kakuu Haarawaa keessatti teekinikni ittin xiyyeeffannoo agarsiisan barreessa irra barreessatti gargar. Barreessitoonni qixaa fi idileedhaan Luqaasii fi barreessaa Ibrootaati.

B. Aorist active indicative sadarkaa fi xiyyeeffannoo hin mallatta'in ta'uu dursee ibsameera, garuu hennaan kanuu, sagaleen

Ykn muudiin barbaachisummaa hiikkaa ni qaban. Kun jechuun Aorist active indicative n miira caasluuga barbaachisau keessatti hin fayyadu jechu miti. Fkn Rom 6:10 (si'a lama)

C. Tartii jechaa afaan kooyinee Giriik keessatti
   1. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingiliffaa hirkataa miti kanaafuu, tartiiba barreessaan waa agarsiisuuf ni jijjiira

a. waan barreessaan dubbistootatti agarsiisu barbaaduuf
b. waan barreessichi dubbistoota ni ajaa'ibsiisa jedhe yaade
c. waan barreessichi hedduu itti dhagahame.

2. Dhimmii tartiiba jechoota afaan Giriik ammalle hin tasgabbaa'in jira. Haa ta'u kan amma jiru
   a. gochima liqimsaaf
      (1) gochima
      (2) matiima
      (3) complementii
   b. Gochimaaf
      (1) gochima
      (2) matiima
      (3) aantima
      (4) aantimeen
      (5) Durgaala gaalee
   c. Maqaadhaaf
      (1) maqaa
      (2) kan haaromsan
      (3) durgalee guutoo
3. Tartiibni jechoota qabxii baayyee barbaachisaadha. Fkn
   a. "anaa fi Barnaabaasiitti akka duuka buutuutti harka nutti kennatan" (Gal 2:9) Gaaliin "harka mirgaa" duuka buutu jedhu barbaachisummaa agarsiisutti baqaqsuufi dursu ni danda'ama.
   b. "Kiristoos wajjin" (Gal 2:20) dura buufameera. Duuti isaa giddu galeessa.
   c. "Karaa heddu kuta kutaan ture" (Ibr 1:1) dura buufameera. Sunis akkaataa itti Waaqayyo ofiisaa of agarsiisu barbaade malee mul'ata miti.

D. Akkuma beekkamu xiqqooshee xiyyeeffannoon kenname
1. irra deddeebi'iin maqdhaal inni dursee gochima keessa jiru fkn ani mataan koo, isin wajjin … (Matt 28:20)
2. Dhabama qirqaabaa, ykn jechonni qabsiistu biroo, gaaleen, gaallima ykn himaa dhabamudha. Kun kan hin qabamne jedhama. Wanni walqabsiisu waan eeggamuuf dhabamuunsaa qalbi hawwata. Fkn.
   a. warra eebbifamoo (Matt 5:3 xiyye kenneef)
   b. Yohaannis 14:1 (mataduree haarawaa)
   c. Roomee 9:1 (kutaa haarawaa)
   d. 2Qor 12:20 (xiyyee kenneefira)
3. Yaada kenname keessatti irra deddeebi'ii jechootaa fi gaalee fkn "ulfina galatasaaf" (Efs 1:6, 12 fi 14). Gaaleen kun hojii sadacha tokkoon tokkoo agarsiisa.
4. Itti fayyadamni akka dubbii ykn jechaa (sagalee dubbii gidduuti. Shoora taphata.
   a. Euphemisis jechuun jechoota safuu akka "ciisee" bakka buusa, du'aa gochuu (Yoh 11:11-14) ykn "miila" qaama dhiiraa (Rut 3:7-8, 1Sam 24:3)
   b. Circumlocution immoo jechoota maqaa Waaqayyoo kan akka "Mootummaa Waaqayyoo" (Matt 3:21) ykn "sagalee jannataa" (Matt 3:17) bakka bu'a.
   c. Fakk dubbii
      (1) jaja hin taane (Matt 3:9, 5:29-30; 19:24)
      (2) himootarratti laafaa ta'a. (Matt 3:5; HoE 2:36)
      (3) namoomsa (1Qor 15:55)
      (4) cigoo (Gal 5:12)
      (5) dubbisa walaloo (Fil 2:6-11)
      (6) sagalee jechoota giddu taphatu
         a. "waldaa"
            i. waldaa (Efs 3:21)
            ii. yaamicha (Efs 4:1;4)
            iii. yaamame (Efs 4:1,4)
         b. "walaba"

i. dubartii walaba (Gal 4:31)
ii. bilisumma" Gal 5:1
iii. walaba Gal 5:1

c. Akka dubbii – afaan aadaa ta'ee addumma kan qabu
   (1) itti fayyadama fakki "soora" (Yoh 4:31-34)
   (2) itti fayyadama fakki "mana sagadaa" Yoh 2:19; Matt 26:61)
   (3) akka dubbii Ibrtootaa "jibba" (Uma 29:31; Deb 21:15, Tes 14:36 Yoh 12:25; Rom 9:13)
   (4) "Hunda" fi "baayye" Isa 53:6 (hunda) fi 53:11 fi 12 (baayyee) jechoonni moggoyina akka Rom 5:18 fi 19 agarsiisa.

5. Gaalee luugaa guutuu bikka jechaatti fayyadamuu. Fkn "Yesuus Kiristoos gooftaa"
6. Faayidaa addaa autos
   a. Yeroo maqmaxxan wajjinii "sanuma" hiikkama
   b. Yeroo al maqmaxxan wajjinii akka ti hiikkama "isa mataasaa' "isii mataasii" ykn "isa mataasa"

E. Bartoonni Kitaaba Qulqulluu afaan Giriikiin ala dubbisan karaa heddu xiyyeeffannoo adda baafachuu ni danda'a.
   1. Ittifayyadamani xinxalli galmee jechootaa barruu afaan Giriiki fi afaan Ingiliffaa
   2. kallatti tiyoorii hiikkaan, hiikkaa afaan Ingiliffaa walbira qabani ilaaluu. Fkn "jechaa jechatti" morkuu (KJV, NKJV, ASV NASB, RSV, NRSV) fi "gita addaan" wajjin (Wiiliyaam, NIV NEB, REB, JB, NJB, TIV). Asitti kan gargaaru. "The Bible in Twent- six Translation" jedhu Baker maxxanfame heddu ni gargaara.
   3. Ittifayyadama "The Emphasized Bible, Yoseef Biriyaant Rooterhaamiin (Kregel, 1994) maxxanfame.
   4. Ittifayyadama hiikkaa barreeffamaa
      a. The Ameerikaan Istaandaard Vershiin 1901
      b. Yaangis Litiraal Traansileeshion of Baayible, Roobert Yaangin (Gaardiyaan Pireesin 1976) maxxanfame.

Seerluga qo'achuun nuffisiisa ta'uullee hiikkaaf ni barbaachisa. Ibsi hiikkaan, qeeqnii fi fkn kunneen nama afaan Giriikii ala dubbisuuf jajjabainaa fi hidhachiisaaf akka toluufidha. Ibsi kunneen garmalee salphifamaniiru. Akka hubana tolaa Kakuu Haarawaa ta'utti malee, cichummaa fi garfiixummaa agarsiisu miti. Ibsi kunneen dubbistoonni darbanii ibsaa fi qeeqaa Kakuu Haarawaa biroo ilaaluu akka danda'an akka gargaaru abdiidha.

Hiikkaa keenya odeeffannoo Kitaaba Qulqullu keessa jiru irratti hundee godhachuun ibsuu danda'uu qabna. Seerlugni wantoota nama gargaaran keessaa tokko; wantoonni biroo yoomessa seenaa, yaada barruu, itti fayyadama jechoota fi dubbisa cinaayina dabalata.

**HAFAA LAMMATAA**
**QEEQA QABIYYEERRAA**

Dhimmi kun yaada qabiyyee ibsituu kan keessa jiru irratti ibsa kenna. Wanna aanee tarreeffame jiru irratti dhimmama.

I. Madda KITAABA QULQULLUU afaan Ingiliffaa
   A. Kakuu moofaa
   B. Kakuu Harawaa
II. Ibsa ballaa rakkooleefi tiyoorii "qeeqa jalaa" ykn qeeqa qabiyyee" jedhamee yaamamu.
III. Madda dubbisaa gadfagoo jedhamanii yaadamaniidha.

I. Qabiyyee KITAABA QULQULLUU afaan Ingiliffaa
   A. Kakuu Moofaa
      1. Barruu Masoreetik (BM) Baruun dubbifamaa afaan Ibrootaa bara 100 DB barsiisa Aquibaan bahe. Achii booda qabxiin dubbachiiftuu, loqodaa, qabxii moggee, Auqaaleeniifi kkf D.B jaarraa jahaaffaa keessa itti dabalamuu eegalan, DB jaarraa saglaffaa keessa xumura argatan. Kunis maatii yihudootaa Masoreetik jedhamaniin hojjetame. Bifti barruu isaan fayyadaman isa Mishnaati, Taalmud, Taargums, Peeshittaafi Kugeet wajjin walfakkaata.
      2. Septuagitnt (LXX) Akka afoolaatti Septuagint hayyoota yihudii 70n guyyoota 70 keessatti tolfame jedhama; kunis deggersa mootii pitoolmii 2ta (285-246 KD) jedhamuu mana kitaaba Aleeksaanderiyaaf qophaahe jedhama. Akka hiikamu kana gaafates hogganaa yihudoota Aleeksaandara jiraatuunidha. Afoolli kun "Xalayaa Arizteez" irra dhufe. LXX kun isa barsiisaa Aquibaa (BM) itti fayyadamuun adda kan ta'e barruu Ibroota biro irratti hundaa'e.
      3. Maroo Deed sii (MDS) –Maroon Deed sii foxxoqxoota garee yihudaa Roomaa jiraatanii "Eseensi" jedhamanii dhaloota Kiristoos dura (200 Kd – Db 70) barreeffame. Barreeffamoonni Ibrootaa, magaaloota naannoo galaana Deed Sii heddu keessatti ni argamu, lameen BM fi LXX duubatti barruu Ibrootaa addaa akka jiru ni agarsiisu.
      4. Fkn muraasni hiiktoonni akka kakuu moofaa walbira qabanii ilaaluu danda'an gargaaraniiru.

         a. LXX hiiktootaafi hayyoota akka BM hubatan gargaara.
            (1) LXXn Isa 52:14 "akka baayyonni itti dinqaman"
            (2) BMn Isa 52:14 "akka hayyoonni sitti gammadan"
            (3) Isa 52:14 keessatti bakmaqaa LXX mirkanaaheera
               a) LXX "sabni baayyeen itti dinqamu"
               b) BM "Saba baayyetti ifa calaqqisa."
         b. MDS hiiktonnii fi hayyoonni akka BM hubatan gargaareera
            (1) MDS Isa 21:8 "Achi raajichi ni iyyee, kaabii dallaa ani irra dhaabadherraa
            (2) BM Isa 21: "ani akka leencaattin bookkise! Gooftaa koo, ani yoo mara saafaadhaan kaabii dallaarra baheen dhaapha.
         c. Lameen LXX fi MDS akka Isa 53:11 ibsuuf gargaaraniiru.
            (1) LXX fi MDS "ciiniinsuu ruhii saan booda ifa ni arga, gammachuus ni quufa."
            (2) BM "ciiniinsuu lubbuusaa… ni arga, ni gammadas"
   B. Kakuu Haarawaa
      1. Barreeffamni Kakuu Haarawaa afaan Giriik 5,300 ol ta'an guutuutti ykn muraasni ammallee ni jiran. Gara 85 kan ta'u Paapirus irratti barrreeffameera, barreeffamni 268 ni qubee gurgudda (uncials) kan barreeffamaniidha. Booda keessa jaarraa sagalaffaa (D.B) barruun buraaqxuu (minuscule) barreeffamtee baate. Barruun Giriiki gara 2,700 ta'u bifa barreeffamaan jira. Kooppii gara 2,100 kan ta'uu kan yeroo Waaqeffannaaf tajaajilan lekshinaarii jedhaman tarreeffamaan ni jira.
      2. Barreeffamni Giriik Paapirus irratti barreeffame Kakuu Haarawaa muraasa qabateeru gara 85 ta'an golwaa durii keessa kaa'amnii jiru. Gariini jarraa lammaffaa D.B kan qaban yoo ta'u irra guddeessi jaarraa sadaffaa fi afraffaa DB ta'uun irra jira. MSS kana keessaa kan guutummaa Kakuu Haarawaa qabateeru hin jiru. Sababa garagalcha moofaa Kakuu haarawaa ta'aniifu garaagarummaa muraasa ni

qabu jechuu miti. Garagalchi baayyeen battaluma tajaajilaaf tolfamani. Of eeggannoon adeemsicha keessatti hin godhamne. Kanaafuu garaagartee heddu ni qabu.

3. Barruun harkaa Sinaatikus, qubee Ibrootaa Xn (alpha) ykn (10)n beekkamu, Tisheendiroofin gadaamii St Kaateriin, tullu Sinaay irra jiru keessatti kaa'ameera. Barrisa jaarraa afraffaa Db yoo ta'u lameen Kakuu Moofaafi Kakuu Harawaa kan LXX qabatee jira. Gosa "barruu Aleksaandiraa" ti.
4. Barruun harkaa Aleeksaandiriinus, akka "A" ykn (02) ti beekkamu, barruu Giriik jaarraa shanaffaa, biyya Misirii Aleeksaandiraatti argama.
5. Barruun harkaa vaatikaans, akka "B"ti ykn (03) ti beekkamu, mana kitaaba Vaatikaan, Roomitti argama. Bara giddu gala jaarraa afraffaa Db qaba. Lamee Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa Giriik, isa LXX qabateera. Gosa barruu "Aleeksaandiraa"ti.
6. Barruu harkaa Efreemii, akka "C" ykn (04)ti beekkamu, barruu Giriikii jaarraa shanaffaa yoo ta'u walakkaan badeera.
7. Barruu harkaa Beezaa, akka "D" ykn (05)ti beekkamu, baruu Giriik jaarraa shanaffaa ykn jahaffaati. Bakka bu'aa muummee isa "Western text" jedhamuuti wanna dabalataa hedduu qaba, hiikkaa kingi Jamsiif raga afaan Giriikiiti.
8. Kakuu Harawaa MSS garee sadiiti ykn afur kwarra amala walirraa qooddatanitti hirama.
   a. Barruu Aleeksaandiraa, Misraa irraa
      (1) $P^{75}$, $p^{66}$ (Db 200), wangeela galmeesse qaba
      (2) $P^{46}$ (gara Db 225) ergaa Phaawuloos galmeesse qaba
      (3) $P^{72}$ (gara Db 225-250) ergaa Pheexroosii fi Yihudaa galmeesse qaba
      (4) Barru harkaa B, Vaatikaan jedhamu (gara Db 325) Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa qaba
      (5) Barru kanarra Origen waraabe
      (6) Gosa barruu kanaa kan agarsiisu MSS biro X, C, L, W, 33
   b. Barruu warra Dhihaa Afrikaa Kaabaarra
      (1) Waraabbi jaarsolii waldaa Afrikaa Kaabaa, Xeertuliyaa, qoophiroos fi hiikka moofaa Laatinii.
      (2) Waraabbii Iraantoa
      (3) Waraabbii hiikka moofaa Siiriyaa fi Taatiyaa
      (4) Kodeex D "Beezaa" barru kana hordofa.
   c. Barruu Beezaantaayin bahaa, konistaantinoopilirra
      (1) gosti barruu kanaa %80 oli MSSota 5,300 irratti calaqqiseera.
      (2) Abbooti waldaa Antsokiya, Sooriyaan tuqame, kaappadoshiiya kirisoostoom fi Teroodoreef.
      (3) Kodeeksi A. wangeela keessatti qofa.
      (4) Kodeeksi B (jaarraa saddeeti) guutuu Kakuu Harawaaf
   d. Gosti afraffaa "Qeesaariffa" Filisxeema'rraa
      (1) dursee Maarqoos keessatti mul'ate.
      (2) P45 fi W ragaalee muraasa.

II. Rakkoolee fi tiyoorii "qeeqa jalaa" ykn "qeeqa barruu"
   A.
      1. Akkamitti garaagarteen dhalatee
         a. libsuu ijaa yommuu garagalcha hakraa jechoota lama wal fakkaatan fi waan giddu jiran guutummaati hambisuu (homoioteleuton)
            (1) libsuu ijaan qubee dacha jechoota ykn gaalee (haplography)
            (2) Libsuu sammuun irra deebii gaaleykn toora barruu Giriikii (dittography)
         b. Libsuu gurraa hogguu dhaggeeffataa barreessan qubee dogoggoruu (itacims)
         c. Barruun Giriiki ganamaa boqonna,a hiramsa lakkoofsaa, tuqaalee, hirmasa jechoota gidduu hin qabu ture. Jechoota iddo adda addaati hiikka kennuu danda'anitti hiruun ni danda'ama.
      2. ? Itti yaadamee
         a. haala seerlugasaa fooyyeessuuf jijjiirraan godhameeru
         b. barruulee Kitaaba Qulqulluu biro wajjiin walitti dhiyeessuuf jijjiramni godhameera. (harmonization of parallels)

c. dubbisa adda addaa lamaa ykn sana ol yaada dheeraa tokkotti deebisuuf jijjiirraan godhame. (conflation)
d. rakkoo barruu keessatti mul'ate sirreessuuf jijjiiramni godhame (1Qor 11:27 fi 1Yoh 5:7-8)
e. odeeffannoon dabalataa yoomeessa seenaa ykn hiikkaa sirrii barruudhaaf moggaarra kaa'amee isa biroon iddo biro kaa'amera. (Yoh 5:4)

B. Qeeqi barruu bu'uuraa (hogguu garaa garteen dhalatu qajeelfama murtoo loojikaa barruu ka'umsaa)
1. kan walxaxaa ykn seerulga hin baramne isa ka'umsaa ta'u
2. barruun gabaabaa feetu isa ka'umsaa ta'u
3. barruun dulloomaa ulfina qaba. Sababa itti dhiyeenya isa ka'umsaaf qabuun, kan hafe walqixuma.
4. MSS teessumaan adda addaa dubbisa ka'umsaa qabu
5. Barruun doktirinaan dadhabaa, keessattu mariix inamantii muummee jijjiirama yeroo sanaa ta'an, kan akka sadacha 1Yoh 5:7-8, ni filatamu.
6. barruu garaa gartee warra kaanii caalatti kan ibsu
7. waraabbi lameen garaa gartee dhalate madaalli agarsiisu.
   a. Kitaaba 1. Harooldi Giriinleesi, Introduction to New Testament Textual Criticism"
   "Doktirinni kiristaanaa kamuu barru mormisiisaa irratti hin rarra'u, bartoonni Kakuu Harawaa baruunsaanii sirrii fi qixaan ta'uu beekuu fedhuun waan jiraadha" 9ful 68)
   b. Kitaabni W.A Kiriisweel, The Brmingham News jedhu (kiriisweel) inni jechi Kitaabni Qulqulluu hundi akka afuurahuun ta'e hin amanu, "hiikkaa jaarraa keessa yoo xiqqaate jechi hiiktoota hammayyaa kun hunda miti" jedha Kirisweel.

Kirisweel akki jedhu "ani guddoo qeeqa barruutti nin amana. Akkuma kana; boqonnaan 16 Maarqoos walakkaan xumuraa barumsa dogoggoraa dha; afuurahun miti, kan walqabate miti … hogguu barruwwan sana morkiftan, kan akka xumura Maarqoos hin jiru. Abbaan ta'e itti dabalee…"

Paatriyaarki SBC kan inni himatu" itti makoon" Yohaannis 5 keessatti, hojii Kiristoos Beetesaayidaaf ragaadha. Akkasumas lameen hojii of dhabamsiisa yihudaa (Matt 27 fi HOE 1) ni marsiisa. "ilaalcha addaa of wareegati" akka Kiriisweelti" yoo Kitaaba Qulqulluu keessaa ta'e, ibsa ni qabaata. Lameen of wareega yihudaa Kitaaba Qulqulluu keessa ni jira" Kirisweel kan dabale, "Qeeqni barruudhaa Saayinsii bareedaadha. Waan yeroo gabaabaa miti, waan kabaja hin qabnedha. Addaafi giddu…"

III. Rakkoolee Barruudha (Qeeqa barreeffamaa)

A. Dubbifata dabalaaf
1. Biblical crtiticism: Historical, Literary and Textual, by R. H Harrison
2. The Text of the New Testament: Its Transmisiionk corruption and restoration by Bruce M. Mefzger
3. Introduction to New Testament Textual Criticism, by J. H Greenlee.

## HAFAA LAMMATAA

## HIIKA JECHOOTAA

**Addoption(Mucummaa).** Kun ilaalcha duraan ture yeroo ta'u, Yesus Waaqayyummaa wajjin walitti dhufeenya qabu dha'a. yaadi isaa inni jalqabaa kan bu'ureeffattu Yesuus karaa kamiinuu nama yeroo ta'u mucummaa kan argate Waaqayyoon karaa bifa kan biraatiin jechuunis cuubaadhaan (Mat 3:17 Marq 1:1) yookiin (Rom 1:14) irratti bu'uureeffatee kan ilaalameedhaan. Yesuus kara bifa fakkeenyaa ta'een karaa kanaan akka jiraatte Waaqayyos karaa ta'umsa tokko tokkootiin ( cuubaadhaa fi du'aa ka'uumsaan) ilma mataa isaa akka ta'eef (Rom 1:14 Filp 2:9) haala ilaallateen ni agarsiisa. Beeksisni amantii kun jaarra 8ffaa tti kan ture ilaalcha waldalee kiristaanaa warra xiqqataa kan ture dha. Waaqni nama ta'e (the incarnation) agarsiisuu manna garagalche namni akkamiin akka Waaqa akka ta'e agarsiisa.

Waaqa kan ta'e Yesus Ilmi, Waaqayyummaa duraan ture jireenya fakkeenyummaa jiraachuu isaatiin Waaqayyo hulfina laateef jechuun jechaan ibsuuf ni rakkisa. Inni durumaanuu Waaqayyo erga ta'e akkamiin hulfina badhaafamaa? Innis hulfina Waaqayyummaa duraan durse jiru utuu qabuu akkmiin ulfinni dabalataa kennamaaf? Dhugumaan kana irra ga'uudhaaf nu rakkisa. Jechuunis Abbaan Yesuusiin bifa adda ta'een fedhii abbaa isaa raawwachuudhaan ulfaachuu isaa agarsiisuudhaaf ta'a.

**Alexsanderya scholl (Barsiisa Aleksaanderiyaa).** Hiiki Macaafa Qulqulluu gosa akkasii Aleksanderiya Gibxiitti jaarraa 2 ffaa tti kan jalqabameedha. Bu'uura kan taasifates qajeelfama hiika kan Fiiloo yeroo ta'u duuka buutuu isaa kan ta'e kan Plaatoo fayyadama. Mala fakkeenyummaas jedhamuudhaan beekama. Hanga bara haarominaattis waldaa kiristaanaatti itti hojjetamaa tureera. Beektonni hiikichaas Origeni fi Awugistiin. Ibsa dabalataatiif macaafa Moises Siliva, *waldaan kiristaanaa Macaafa Qulqulluu dogoggorsitee hiikteetti ta'innaa?* Isa jedhu dubbisi ( bara harraaraa 1987)

**Alexandrinus** (**Aleksaanderinus).** Kun jaarraa 5ffaa Aleksaanderiyaatti kan argame barreeffama arkaan barreeffame yeroo ta'u, keessa issatti kakuu moofaa, Kan mullata(Apocrypha) fi Kakuu haaraa harka heedduu kan of keessatti kan haammatedha. Barreeffamichi hiikaa kakuu haaraa kan Giriikii kan ilaallateen kan caqasamu isa olaanaadha. (Maatewoos, Yohaannis, 2Qorontoos kutaa tokko tokkoottii kan fhafe) kitaabni kun maqaan isaa addaa "A" kan jedhamee fi barreeffamin kan biraa barreffamni kan Vatikan maqaan isaa addaa "B" kan jedhame. Dubbisa irratti yeroo walii galu karaa beektota Kitaaba Qulqulluu sirna seer lugaa keessatti akka isa bakka guddaa qabu taasifamanii fudhatamu.

**Allegory (carraaqqii hiika dhokataa baruuf taasifamu).** Hiiki Kitaaba Quluqulluu gosa akkasii jalqaba kan babbal'ate Aleksaanderiyaa amantii Yihudotaatiin. Iddoo olaanaa qabataa kan dhufe Fiiloo Alksaanderichaatiin. Fedhiin bu'uura amantii isaa caaffanno Qulqullaa'oon akkuma akka amantii namaa fi falaasamatti seeraatti fiduudhaan yoomessa seena qabeessa Kitaaba Qulqulluu (yeroo fi bakka) qabiyyee hoog baruu dhiisuudhaan. Caaffata Qulqullaa'oo keessatti hiika dhokataa argaman qoruu irratti xiyyeeffata. Yesuus Wangeela Maateewoos 13 irratti akkasumas Phaawuluus Galaatiyaa 4 irraatti dhugaa ibsuudhaaf fakkeenya jarri itti fayyadaman ni agarsiisa garuu kun bifa fakkeenyaa kan qabuu utuu hin ta'in bifa hoog barruu kan qabateedha.

**Analytical lexicon (Xiinxallii tarreeffama jechhootaa)** Kun tooftaa qo'annoo isa tokkoffaa yeroo ta'u tarreeffama jechoota Giriikii Kakuu Haaraa keessatti argaman addaan baasuuf gargaara. Tartiiba qubee qubee afaan Giriikii irratti hundaa'uun boocaa fi hiika isa olaana kan qabatedha. Amantoota afaan Giriikii hin dubbifneef hiika addaa waliin qabsiisee kaa'uudhaan seerluga kakuu Haaraa keessatti afaan Giriikiitiin jiruuf tarreeffama hoogbarruu hubachuuf dandeessisa.

**Analogy of scripture(Walfakkeenya caaffata qulqullaa'oo)** Himin kun hubachiisuuf kan inni barbaadu guutumma Kitaaba Qulqulluu sagalee Waaqayyoo akka ta'ee fi waliin kan mormu osoo hin taane wal deeggaruuf akka ta'e hubachiisuudhaaf. Haalaan kan qindaa'e dhiyeessi akkasii sagalicha haala bu'uura ta'een walitti dhiyeessuun kaa'uudhaan kuta Kitaaba Qulqulluu hiika.

**Ambiguity (waan hiika tokko caalaa qabaatee karaa gara garaatiin hiikamu hiiki isaas shakkisiisaa ta'e).** Kun kan inni agarsiisu hiika shakki qabeessa kan qaban kuusaa barreeffamootaa yeroo ta'u hiika lamaa fi isaa ol yommuu qabaatu yookiin lamaa fi isaa ol kan ta'an tibba tokkicha caqasuudhaaf kan mudatudha. Yohaannis ta'e jedhee tooftaa kanatti fayyadameera.

**Anthropomorphic ()** hiiki gosa akkasii ilma namaa wajjin kan walqabate kan agarsiisu yeroo ta'u jechi isaa inni hundeen afaanii kan amantii Waaqayyo wajjin kan qabu walitti dhufeenya. Jechi isaa inni jalqabaa kan dhufe kan Girikii irraa dhufe yeroo ta'u ilma namaa jechuudha. Hiiki isaa nuyi waa'ee Waaqayyo kan dubbannu loqoda kan namummaa jechudhaa. Haala Waaqayyo bifa hawwaasumaatiin jechoota xiin sammuutiin ilmaan namootaa waliin (Seera Umamaa 38, 1Mototaa 29: 19-23) akka barreesse isa dubbate jechuudhaa. Dhugumaan kun walfakkeenya qofaadha. Sanas ta'e kana ilmaan namootaa malee itti dhimma b a'uuf akka danddeenyu gareen yookiin jechi hin jiru. Kanaafuu beekumsi nuyi waa'ee Waaqayyoo qabnu dhugaa irratti hundaa'ee muurtaa'ina akka qabu agarsiisa.

**Antiochian school (barumsisa Antsokotaa).** Malli hiika Macaafa Qulqulluu gosni akkasii warraa Asoorotaa kan ta'an Antsookotaan jaarraa 3ffaatti kan baballate yeroo ta'u, mala fakkeenyumma isa kan warra Antsookotaatiin kan wal falleessudha. Bu'uurri amantii isaas seenaa hiika kan seenaa isa kan Kitaaba Quqlqulluu irratti xiyyeeffata. Kitaaba Qulqulluu akkuma hogbarru isa kan ilma namaatti hiika. Barsiifni kun Kiristoos amala lama qaba isa jedhu barsiisa Nisxirichaa fi yookiin amala tokko qaba (waaqa guutuu fi nama guutuu) barnoota jedhuu gidduutti walii galtee dhabuu isa ka'e keessa galee akka ture ni beekama. Booda waldaa kiristaanaa Roomaan akka barumsa dogoggoraatti waan fudhatameef gara Persiyaatti yeroo demee lammaffaa ijaaramuudhaaf yoo yaalames ejjennoo gaarii kan ta'e utuu hin qabaatin hafeera. Qajeelfamni hiika bu'uuraa garu hiika kan seera qabu akka ta'uudhaaf Luterii fi Kalviiniif geggeessitoota haaromsaa (reformation) faayidaa irra ooluu danda'eera.

**Antithetical (kan faallaa).** Kun sadii keessaa gosa isa tokkoffaa kan ibsu mala kan barreeffamaa yeroo ta'u himoonni kan Ibrootaa karaa dubbii dacha kan walitti firooman agarsiisa. Hiikin isaanii kan walitti hindhufne hidd dubbii dacha walitti firoma isanii agarsiisaa. (Fak 10:1, 15:1)

**Apocalyptic litireture.**( hoogbarruu kan mullataa) kun harka caalaan karaa bifa adda ta'een gosa hogbarruu kan Yihuudotaati. Barreeffamni icciti gosa akkasii kan amma amma taasifamuudha. Qabiyyeen barreffamichaas Waaqayyo biyya lafaa akka uume guutummaan isees kan isaa akka taate furuu akka danda'u agarsiisee Israa'eeliidhaaf kaayyoo adda ta'e akka akka qabaatuu fi isheedhaaf akka of eeggatu agarsiisa. Hogbarrichi moo'ichu inni dhumaa kan argamu hirree Waaqayyo akka ta'e cimsee dubbata.

Barreeffamichi baay'ee kan fakkenyaan guutamee tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e jechoota iccitiitu isatti baay'ata. Yeroo baay'ee dhugaa halluudhaan, lakkoofsotaan, haala tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e, karaa ergamoota giddugaleessa godhateen, karaa jecha dhokattaatiin kan mul'atu ta'ee yeroo baay'ee hamaa fi gaarii gidduudhaan akka karaa billaa qarlamaa addaan hiree darba.

Gosi fakkeenyota kanaa tokko tokko tokkoffaa Kakuu Moofaa Ezk boqonnaa 36-48, Dan boqonnaa 7-12, Zakriyaasii fi Kakuu Haaraa immoo Mat 24; Mar 13; 2Tesl 2 fi Mullata Yohaannis irratti.

**Apologist (apologetics). (dhiifama gaafachuu)** kun hundeen jecha Grikii "ittisa seera qabeessa"kan jedhudha. Barumsa kan Kitaaba Qulqulluu keessaa kutaa barumsaa keessaa isa tokko yeroo ta'u amantii kiristaanaatiif walmorkiif ragaa ta'a.

**Prior (isa duraa).** Jechi sun duraan kan ittiin adeemsifame itti galiinsaa wajjin walitti dhufeenya cimaa kan qabudha. Akkaataan yaadii isaa karaan itti deeme duraan dursee kan ba'nii fi hiika fudhannee, qajeelfamoota, yookiis ejjennoowwan hundaa'uudhaan akka dhugaatti fudhachuudhaan itti fufuudha. Qorannoo dabalataa kamiinuu maleedhaa fi ibsa malee kan fudhannu jechuudha.

**Arianism**. (**Ariyoosummaa).** Ariyoos Aleksaanderyaa Gibxitti waldaa kiristaanaa Presbiterianiitt jaarraa 3 ffaa fi 4ffaatti kan turedha. Jabeessee kan ittiin morku Fak 8:22-31 irra jecha jiru yeroo ta'u, Yesuus duraanuu akka ture yoo fudhates Waaqayyummaa isaa ganeera. (Abbaa wajjin wal qixxaachuun irra hin jiru jedha) Phaaphaasii Alksaanderiyaa irraa mormiin kan isa mudate yeroo ta'u kuns bara haraaraa 318 kaasee walmorkii waggoota heedduudhaaf turedha. Ariyoosummaan keessumaayyuu bu'uura amantii waldaa kiristaanaa kan ba'aa ta'ee fudhatamee ture. Bara haraaraa 325tti beektonni Niqiyaatti walitti qabaman Ariyoosiin ifatanii walqixxummaa Waaqayyummaa Ilmaa cimsaniiru.

**Aristotle**. (Aristootilii). Falaasa Girikii ishee durii yeeroo ta'u barataa Platoo fi Barsiisaa Elekisaanderi isa guddichaati ti. Dhiibbaan isaa amma ammaatti qo'annoo ammayyaa fi barsiisa irratti kan jabaatedha. Sababni kun itti ta'es hubbannaa fi mala barsiisaa karaa qabateen xiyyeefannoo waan kenneedhaaf. Kunis mala qo'annoo saaynsii isa tokko akka ta'e ni beekama.

**Autographs**. Kun mogaafama barreeffamoota Kitaaba Qulqulluu warren jalqabaatiif kan keennameedha.Barreeffamoonnii jalqabaa haraakaan barreeffaman kun guutummaa guututti badaniiru.Kan

amma jiran warrabbilee waraabbilee qofaadha.Kunis qabiyyeen barreeffamoota kanaa kuniif qooqa Ibraayisxii fi kan Grikii gidduutti garaagarummaa akka uumamu taasiiseera.

**Bezae.** Kun jaarraa 6ffaatti keessa kan ture barreeffama qooqa Griikii fi laatiiniiti. Mallattoo "D" kan jedhu yoo qabaatu, Wangeeloota, hojii ergamootaa fi walii gala ergaa tokko tokko o kan of keessaa qabuudha.Kana malees barreeffamoota hedduu garaa garaa kan of keessaa qabuudha.Kitaabaa Qulqulluu Afaan Ingliizii King James jedhu kessattii hammatamuu waan qabaniif bu'uura kaa'eera.Yookiinis akka ka'umsaatti garagaarera.

**Bias** (**gama tokkoof looguu).** Jechii kun kan inni agarsiisuu,waan tokko irratti ykn Ilaalcha jalqaba ture irratti loogii ykn yaada hin sochoone qabaachuudha.Sammuun waanta tokkoon kan qabame yoo ta'e loogii taasiisuun isaa kan hin oollee ta'uu issaa nutty agarsiisa. murtii miciirama jalqaba sammuu keessa ture kan agarsiisuudha.

**Biblilical Authority**.(Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu), Jechii kun karaa adda ta'een faayidaa irra kan ooluudha.Kana jechuunis barreessaan inni jalqabaa, baraa isaatti maal jechuu akka fedheefii amma bara keenyatti haala akkamiitiiin hojii irra oolchuu akka dandeenyu isa jiru kan haammateedha. Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu kan inni agarasiisu Kitaaba Qulqulluu mataa isaa qofa abbaa aangoo keenya inni ta'e kan agrasiisudha.Kan ta'e ta'ee faalamnii hiikaa akka hin uumamneef hiika Kitaaba Qulqulluu karaa seena hordoofufii seer-luga karaa hordoofen qofa murteessuun ni gaha.

**Canon**. Heera.Jechii kun barrefamoota afuuraa ti jedhamanii kan itti amanaman ibsuuf kan itti dhimma bahameedha. Kunis barreeffamoota kakuu Moofaa fi kakuu Haaraa lammanuu ilaalchisee kan itti dhimma bahameedha.

**Christocentric** (**Giddugaleeffama Kiristoos)**. Jechii kun kan inni itti gargaarame Yesuusiin gidduu gala ta'u isaa agarsiisuufidha.Jecha kana kan ani itti fayyadame guutummaa Kitaaba Qulqulluu keessatti yaada gooftummaa Yesuusii waliin walitti qabsisee agarssiisuufanidha.Kakuun Moofaan garaa isaatti kan xiyyeeffatee agarssisuudha.Inniis xumura jecha isaa fi galmaasaati.(Matt 5:17-48 Ilaalii) .

**Commentary. (**Hiika Ibsituu).Kun Macaafa qo'annoo adda ta'eedha.Barreefamoota Kitaaba Qulqulluu ta'aniif seena duda dubaa bu'ura ta'e kan keenudha.Eegaa kutaa macaafichaa tokkoon tokkoon isaa ibsuuf kan yaaluudha.Tokkoo tokko haala raawwiitti hiilamuusaa irraati kan xiyyeeffatanu yammuu ta'anu, kaan ammo haala teekniikaa barreeffamichaa irratti xiyyeefatu.Kitaabooleen ibsituu akkasii kunneen baayyee fayida qabeessa. Haa ta'u malee garuu, isaanii duraa , namni qo'atu sun qo'annoo mataa isaa gaggeessuun isa irra ni eegama.Macaafooleen ibsituuwwaan kanneen kana namni fudhachuu dandda'u kan isaaf ta'u gadi fageenyaan qo'atee ta'uu qaba.Kanaafis ibsituwwaan adda addaa eejjeennoo barnoota kitaaba Qulqulluu adda addaa waliin madaalee ilaalutu filatamaadha.

**Concordance**.Kuusaa jechootaa, Kun Meeshaa kitaaba Qulqulluu qo'achuuf gargaaruu keessa isa tokkoodha. Jechoota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessa jiran tartiibaan kan tarreessaniidha.Karaa hedduudha garagaarsa ni godha.(1) jechoota afaan Inglizii tokkoon tokkoon isaanii afaan Ibrayixii fi Griikii wal bira qabee maal jechuu akka ta'an kan agarsiisuudha. (2) Buufata waliin ilaluudhaan gosa tokko kan ta'an jechii Ibraayisxii fi Griikii hojii irra ooluusaanii hubachuuf dandessisa.(3) Jechootni lama kan Ibraysxii ykn kan Griikii hiika walfakkataa qabaatanii gara afaan Ingliiziitti kan hiikaman ta'u isaanii ni agarsiisa.(4) Jechootni ammamiin irra deddebi'amee akka itti fayyadamanii fi Macaafoota kamiin keessa akka jiraatanii fi eenyuun akka barreeffaman ni agarsiisu.(5) Kitaaba Qulqulluu keessaa namni tokko dubbisa akka inni barbaadee argatu ni gargaara.

**Dead Sea Scrolls.(Barreeffamoota galaana du'aa keessatti),** kun kan inni agarsiisuu barreeffamootni bara durii kuusaan isaanii Afaan Ingliziitii fi Afaan Araamiyikiitiin barreeffaman. Bara 1947 ti galaana du'aa biratti argamuu isaanii kan addeessuudha.Kuusaawwan barreeffamaa kun mana kitaabaa amantaa yoo ta'an, kutaa Yihuudii kan ta'an jaarraa tokkooffaa keessa kan turaniidha.Bittaan Mootummaa Roomaa babalachuunii fi bara 60[ffaa] keessa kan gaggeeffaman loollii inaaffaa Gadaamii fi holqa keessatti dhagaa supheedhaan ukkaamamanii akka turan kan dirqisiisee ta'uun isaa ni tilmaama.

Kuusaan barreeffamaa sun, Filisxeemootaa jaarraa tokkooffaa keessa kan turan,yoomessa seenaasaanii akka nuti hubannuuf barreeffamoota 'maasooreetikii' jedhamuun dhugummaasaanii akka hubannuu(Dhaloota Kiristoosiin dura isa ture) nu dandeessisaniiru.Xiyyeeffanadhaniis 'DSS' Dead Sea Scrolls, jedhamuun beekamu.( Barreeffamoota galaana du'aa)

**Deductive.** Yaadni kun kan inni ibsuu yaada walii gala irraa gara tokkoon tokkoon dubbichaatti kan geessuudha. Yaada xiqqoo tokkoon tokkoon irraa ka'uun isa ibsuudha 'inductive' isa jedhamee beekamuu irraa adda ta'eedha. Kunis yaada karaa saayinsiitiin murtiidhaaf ibsamu adeemsa ilaalcha xiqaa irraa bal'aatti deemuudha.

**Dialectical(Diyaaleektiikaalii).** Yaadni akkanaa kun waantota faallaa ta'an tarreessee (paradox) yaada falaasamaa fi tokkummaa karaa lachaniin jiranu kan qo'atudha. Barsiisonni isaa diyalektiikaalii garee lamaanii qabu. Caqasuudhaafis kanmurtaa'eedhaaf-fedhii bilisa ta'e, fayyinaaf-obsa, hojii-amantii, murteessuu-duukabuutummaa, kiristaanummaa bilisaafii-itti gaafatamummaa kiristaanummaa.

**Diaspora( lammii biyya ormaa jiraatu).** Jechi kun jecha Girikii yeroo ta'u Yidinni biyya Kana'aan Yihuudota biyya isaanii ala jiran daangaa lafa isaaniin ala kan jiran Yihuudota waamuudhaf kan itti fayyadamaniidha.

**Dynamic equivalent:** (Walqixxummaa guutuu). Kun hiika Kitaaba Qulqulluu kun kan dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffame (theory) yeroo ta'u hiikonni isaa jechaa jechatti walqixxee fi jechii Ingliffaa tokko Ibiroota irraa yookiin Girikii irraa kan isaan walqixu argatanii jijjiiruun kan isaaf ta'u yeroo ta'u, kun yoo hin taanes yaada bifa galeetiin sirriitti mummee isaa irraa utuu hin dabin akka hiikamu taasisa. dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffame lamaan kana gidduutti walqixxummaa guutuu barreeffama ka'umsaa xiyyeeffate qabatee seerluga hammayyaa'een hiikamuutu irra jira jedha. Hiikin ibsa hiika dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffamee kanaa "Kitaaba Qulqulluu akkamiin hubannoodhaan haa dubbifannu" Kitaaba Fi fi Stawoort fuula 35 irraa Roobert Bartcher seensa TEV tti kan itti gargaarame irraa argama.

**Eclectic (yaadaa fi amantii garaa garaa ilaaluudhaan kan ta'e filachuu).** Jechi kun faayidaa irra kan oole qeeqannoo kitaabichaa taasisuudhaaf. Faayidaan isaa dubbisa garagaraa baarreeffama Griikii keessaa barbaaduudhaan fi sakatta'uudhaan barreeffama isa jalqabaa bira ga'uudhaaf kan nama dandeessisuudha. Hogbarruu Girikiii gidduudhaas isa olaanaa irratti hirkachuudhaa bifa yaadaatiin kan kennaman hin fudhatan.

**Eisegesis.** Kun faallaa (exegesis) barreeffama amantii bali'naan ibsa itti laachuuti. Jechuunis exegesis yaada barreessaa isa jalqabaa keessaa kan ba'e yoo ta'e "eisegesis" immoo yaada ormaa yookiin ilaalcha keessatti baay'inaan galchuudhaa fi galuu ilaallata.

**Etymology (sayinsii waa'ee maddaa fi seenaa jechootaa fi hiika isaanii qo'atu).** Kun qo'annoo madda jechaa yeroo ta'u ka'umsi isaa maal irraa akka ta'e qo'ata. Hundee jechaa irraa ka'uudhaanis jechichi akkamiin faayidaa irraa akka oole beekuudhaaf dandeessisa. Yeroo hiikaa garuu **Etymologyiin kun** qabxii isa irratti xiyyeeffatamu isa olana miti. Hiika qabiyyichaa fi galiinsa jechichaati kan irratti xiyyeeffatamu.

**Exegesis (waraabbiitti ibsa kennuu yookiin kan Kitaaba Qulqulluutti).** Kun barreeffamicha irraa karaa ala ta'een yoo sakattaa'ame yaada barreessaa isa jalqabaa hubachuudhaaf kan nama dandeessisuudha. Kun yoommessa seenaa qabiyyee xinhima seerlugaa fi hiika jechichaa ilaala.

**Genre.** Kun jecha Faransayii yeroo ta'u gosa barreeffama gara garaa jechuudha. Gosa barreeffama walfakkeenyummaa qabaataan bakka tokkotti isaan ramada. Fakkeenyaaf seenaa seenessuu, dubbii dacha, fakkeenya, kan raajii fi kan seeraatu keessatti argamu.

**Gnosticism.** Dhimma kanaaf beekumsii nuyi qabnu kan maddu jaarraa 2 ffaa keessa kan turaniif barreeffama Ginostik yerooo ta'an yaadi isaa garuu jaarraa 1ffaa yookiin duraan dursee kan turedha.

Tokko tokko akka jedhanitti kan Valantini fi kan Qorontin kan jaarraa 2ffaa Ginostikis, 1ffaa waanta ijaan argamuuf qaqqabatamu fi hafurri bkan bara baraa yeroo ta'an tokkoffas lammaffaas qabatanii waanti (mater) gaarii yeroo ta'u hafuurri(spirit) garuu gariidha. Hafuura kan ta'e Waaqayyo kallattiidhaan waanta hamaa hojjechuu keessa hin seenu. 2ffaa Waaqayyoo fi waanta (mater)gidduu kan yeroo dheeraa yookiin sadarkaa ergamaatu(angles) jira. Kan dhumaa yookiin kan gad aanu YHWH yeroo ta'u addunyaa kana (kosmos) kan uumeedha. 3ffaa Yesuus kan ba'e akka YHWH yeroo ta'u sadarkaan isaa garu kan ol ta'ee fi waaqa isa dhugaa wajjin kan walqixudha. Tokko tokko ol aanaa taasisanii fudhachuun Waaqayyo irraa gad aanaa kan ta'e waaqayyummaa isaatiin osoo hin taane foon huffachuusaatiin Yoh 1:14 waanti(mater) akkuma haamaa ta'uu isaa Yesus dhagna namaa huffatee Waaqayyummaa ta'uu h in danda'u. inni hafuura 1Yoh 1:1-3, 4:1-6. 4ffaa fayyinni argamuu kan danda'u Yesuusitti amanuudhaa fi beekumsa adda ta'e argachuudhaan.

Beekumsi addaa kunis namoota addaatiin kan beekamuudha. Beekumsa yookiin jechi nama dabarsu gara Mootummaa Waaqayyootti nama barbaachisa. Beekumsi seeraa kan Yihudotaas gara Waaqayyoo ga'uudhaaf kun akka nama barbaachisu ni agarsiisu. Barsiisonni sobaa kan Ginoostiksii seerota sakkoo gosa lama kan

wal jifatan kaa'aa. 1ffaa haala jireenyaa tokko tokkoof fayyinaa wajjin umaa walitti dhufeenya hin qabu. Jaraaf fayyinni hafurummaan beekumsa dhokataa, yookiin jecha ittiin darban(pass word) kan jedhameen kan walitti hidhaman geengoo(spheres) ergamootaati jedhu. 2ffaa kan biroon immo haalli sirna jireenyaa fayyina irratti qabxii isa guddicha jedhu. Haala jireenyaa isa fooya'aadhaafis xiyyeefannoo kennuudhaaf hafuurummaa (spirituality) isa dhugaadhaaf raga kaa'u.

**Hermeneutics. (Hermeneuticsii)**. Jecha teknikaa yeroo ta'u exegesisiif akka qajeelfamaatti tajaajila. Kan karaa lamaa kan ta'e qajeelfama murtaa'aa ogummaa kan uumamaati. Kan Macaafa Qulqulluu yookiin kan qulqullaa'e kan jedhuun Hermeneuticsii bakka garee lamatti jechuunis qajeelfama walii gala yookiin qajelfama tokkoon tokkoon isaa kan jedhuun. Kunis Kitaaba Qulqulluu keessatti kan argaman hogbarruu gara garaatii wajjin walitti firooma. Gositi hogbarruu gara garaa tokko tokko qajeelfama adda ta'e kan ofii isaa kan qabu yeroo ta'u kanneen biro wajjjin immoo tilmaammiiwwan fi galiinsa hiikaa wajjin walfudhata.

**Higher Criticism**. (ajiifannoo isa olaanaa). Hiiki Kitaaba Qulqulluu kun galiinsa yeroo ta'u kan inni irratti xiyyeeffatus kitaaba kan Kitaaba Qulqulluu isa tokko irratti yoomessa seenaa irrattii fi caasaa hogbarruu uirratti.

**Idiom (jechama).** Gaaleen kun adaa gara garaa irratti hirkachuun hiika hiika jecha isa jalqabaa wajjin kan walitti hin qabanne kan kennudha. Tokko tokko fakkeenyonni ammayyaa "kan gadhee gariidha", "na ajjeefte" kan jedhan jiru. Kitaabni Qulqulluunis gaalee kana fakkaata qaba.

**Illumination (Ibsa).** Maqaan kun kan kennameef Waaqayyo ilma namaatti dubbachuu isaa agarsiisuudhaaf. yaadiii dhaan. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Inductive (dhugaa irratti kan hundaa'e).** kun mala waan tokko ibsuu irratti (logic) kan hundaa'ee yeroo ta'u waan adda addaa irraa gara walii galaatti kan ibsuudha. Saayinsii kan ammayyaatiif kan hojiidhaan qorame ta'e tajaajiluu uirratti jira. Malichi durumaan kan Aristootiliiti.

**Interlinear.** Kun mala meeshaan qo'annoo yeroo ta'u afaan Kitaaba Qulqulluu kan hin dubbifanne akka ibsaniif hiika isaa fi akka itti caaseffame akka hunbatan gargaara. Hiika Ingiliffaa jechaa jechaatti kaa'uudhaan afaan Kitaaba Qulqulluu isa olaanaa wajjin walbira qabee kaa'a. Galiins qo'annoo kun jechoota hundee ibsuu waliitti makuun bu'uura kan ta'an hiika Girikii fi afaan Ibrootaaf bifa kenna.

**Inspiration(yaada ka'umsaa).** Kun yaada Waaqayyo ilmaan namootaatiif kan dubbate barreessitoota Kitaaba Qulqulluu karaa sirrii fi ifaan kan ibse akka barreessaniidhaaf. Yaadi isaa guutuun karaa bifa sadiitiin ibsama. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Language of description (afaan ibsaa).** Kun Kakuu Moofaatti kan barreeffame fi jecha isaa walitti qabsiisuudhaaf yaadameeti. Innis galiinsa haasaa adunyaa keenaa qaama miiraa shanaaniin irratti hundaa'uun dhiyeessa. Garuu ibsa saayinsaawaa jechuu miti.

**Legalism (seera qabeessummaa).** Haalli kun kan inni agarsiisu kan seera qabeessummaatii fi ayyaaneffannaa tokko tokkoof sirna waaqeffannaa kan kennaniidha. Ilmi namaa kan raawwatan seeraa fi heera Waaqayyo ni fudhata jedhanii fudhachuudha. Walitti dhufeenya gad kan qabuudhaa fi seerratta kan ol qabu ta'ee walitti dhufeenya kakuuwwanii lamaan isa qulqulluu Waaqayyoodhaa fi namummaa isa cubbamaa gidduutti akka adeemsifaman kaa'a.

**Literal(hiika barreeffaamaa).** Kun hiiki barreeffamaa irratti kan xiyyeeffatu fi mala hiikaa seenaa kan ta'e adaa Antiihotaa ilaallata. Kan jechuunis hiiki qabuun kan irra jiru hiika isa ifa ta'e isa jabaa hin taane afaan ilmaan namootaatiin akka jedhedha jedha. Kana jechuun garuu afaan haala fakkeenyaatiin kan barreeffaman jiraachuu isaanii hiin ganu.

**Literary genre (gosa barreeffama).** Kun kan ilmaan namootaa ittiin walii galan kan ta'e gosa barreeffamaa jechuunis ciigoo, seenessa seenaa, kanaaf kan kana fakkaatan haammata. Gosii hoogbarruu tokkoon tokkoon isaa hiikaa mataa isaa yeroo qabaatu dabalataaniis hogbarruu gosa hundumaaf ta'a.

**Literary unit(barreeffamaa kutaa of danda'e).** kun kan agarsiisu kutaa ilaalcha Kitaaba Qulqulluu isan olaanaadha. Kunis dubbisa muraasatti boqonnawwannii yookiin keeyyataa qabuu danda'a. Ofii ofii isaattis gosa barreeffamaa giddu galeessaa guutuu kan ta'e kan qabatedha.

**Lower critcisim (**ajiifannoo gad aanaa**). Textual critcisim (**barreefama ajiifannoo) kan jedhu ilaali.

**Manuscript (barreeffama harkaan barreeffame).** Kun koppii Kakuu Haaraa Giriikiitii gara garaa agarsiisa. Yeroo baay'ee karaa gosa garagaraatiin ramadamu. 1) kan isaan irratti barreeffaman papiirusii fi kallee (papyrus, leather). 2) bifti barreeffamichi mataan isaa (qobee gurguddaa yookiin kan walitti qabate ta'uu isaa) gabaajee "MS" qeentee "MSS" lakkoofsa baay'ee jedhamu.

**Masoretic text (barreeffama Maasoretii).** Jaarraa 9ffaatti Kakuu Moofaa kan afaan Ibrootaattiin barreeffame barreeffama harkaan barreeffame agarsiisa. Kunis ogeeyyii Yihudootaatiin kan barreeffameef fi sagalee dubbisiiftuu fi yaaddanno gar jalaatti barreeffaman kan qabatedha. Kakuu Moofaa kan Ingiliffaa kan ta'u barreeffamni kana irraa kan argamedha. Barreeffamichi bifa seenaatiin afaan Ibrootaatiin akka ta'e kan mirkanaa'e yoo ta'u keessumayyuu raajii Isaayyaas barreeffama maramaa galaana du'aa tiin (dead sea scroll) beekameera. Gabaageenis "MT" (Masoretic text) jedhama.

**Metonymy.** Kutaawwan dubbi ta'ee, maqaan waanta tokkoo kan biraa wajjin caqasuun kan itti mullatudha. Fakkeenyaaf "jabanaan danfaa jira" yeroo jedhu "bishaan jabanaa sana keessa jiru danfaa jira" jechuudhaaf.

**Muratorian Fragments (Cabaa Muratorianii).** Kun kiitaabota seeraa fi heeraa tokkoon tokkoon isaa kan walitti qabate kutaaa Kakuu Haaraati. Kan barreeffames bara haraaraa 200 durseeti. Achuma 27 kitaabni Kakuu haaraa Protestaantiidhaan kitaaba haaraadha. Kunis Waldaaleen mootummaa Room keessatti kan argaman oolaanonni manneen mare waldaalee yookiin jaarraa 4ffaa kan turan duraan akka hojjetame agarsiisa.

**Natural revelation(mullata uumamaa).** Kun Waaqayyo ofii isaa namootaatti kan ittiin mulisu kutaa isa tokko. Seerawwan uumaamaa (Rom 1:19-20) kan safuu qabu miijana sammuu (Rom 2:14-15) haammata. Far 19:1-6 fi Roma 1-2 irratti barreeffameera. Mul'ata addaa irraa gara gara. Jechuunis Waaqayyo mul'ata mataa isaa Kitaaba Qulqulluudhaanis ta'e karaa Yesuus Nazreetichaa jechuudha.

Gitin barumsa hafuuraa kun irra deebi'amee xiyyeeffannoon kennameefii kan akka Hug Roos jiran barreessitoota kiristaanota gidduutti sochii "adunyaa moofaa" irrattin ilaalmeera.

Jarris gitin kun hundu dhugaan hunduu dhugaa Waaqayyo akka ta'etti mirkaneeffatu. Uumamni Waaqayyoon beekuudhaaf balbala banamaadha. Kunis mula'ata addaa (Kitaaba Qulqulluu) irraa adda. Saayinsiin ammayyaa seerrata uumamaa akka qo'atu bilisummaa kennaaf. Akka yaada kootti saaynsawaa isa hammayyaatiin adunyaa isa lixaa dhugaa ba'uudhaaf carraa ajaayibsiisaa haaraadhan jedha.

**Nestorianism (Nisxrummaa).** Nisxiroos jaarraa 5ffaa keessa dura taa'aa Konstantinplii kan turedha. Kan barates Sooriyaa Antsookiyaaitti yeroo ta'u qabxiin inni ittiin mormii kaases Yesuus amala lama yeroo qabaatu inni tokkoffaan guutummaa guutuutti nama; inni kaan immoo guutummaa guutuutti Waaqayyummaadha jedha ture. Kunis Ortodoksii isa kan Aleksaandariyaa amalli tokko walmakameera kan jedhu irraa kan ba'edha. Xiyyeeffannoon Nisxiroos inni guddaan Maariyamiif kan kenname "haadha waaqaa" moggaasa jedhudha. Nisxiroos Siriil Aleksaandarichan ajiifannoon isa qaqqabee ture. Kunis naanna'ee naanna'ee kan baratee Antsookiyaaitti jechuudha. Yeroo sanatti Antsookiyaan waajjira muummee hiika Kitaaba Qulqulluu yeroo taatu aleksaanderiyaan immoo waajjira muummee dacha afur hiikaa mana barumsaa (allgorical) carraaqqii hiika dhokataa baruuf taasifamu turte. Nisxiroos taaytaa isaa irraa bu'ee akka baqaatiif (exile) ta'u taasifameera.

**Original Author (barreessaa jalqabaa).** Kun kan agarsiisu barreesitoota isaan duraa kan caaffata qulqullaa'oo barreessan.

**Papyrus (Pappirasii).** Bara durii akka waraqaa waa itti barreessaniitti kan tajaajilu kan Gibxootaati. Shomboqqooyookiin leemman laga qarqaraa irraa hojjetama. Kitaabonni durii kan Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa kan barreeffaman kana irratti.

**Parallel passage (bukkoo waan dubbifamu).** Kutaaleen yaadaa kunneen Kitaabni Qulqulluun kan nuuf kennameedhaaf hiika guutummaa guuttuunis isa akka ta'e yaada nama doggoggorsan kan nutty fakkaatan illee karaa giddu galeessumaa qabuun kan hiikudha. Kunis namni tokko ifa kan hin taaneef waanna dhubbisu sana hiikuudhaaf yeroo yaalu hubachuu danda'a. wantonni dubbifaman (passages) dabalataanis kutaaleen ifa ta'anii kan waliitti firoomna qaban matuduree kenname sana jalatti caaffata qulqullaa'oo irraa agarsiisu.

**Paraphrase (waanta barreeffame tokko gabaabsanii jecha namaa galuun dhiyeessuu).** Kun yaada hiikaan Kitaaba Qulqulluuti. Hiikaan Kitaaba Qulqulluu jechaa jechatti kan taasifamee fi booca walqabatu kan qabate ta'ee jechi Ingiliffaa afaan Ibirootaatiifis ta'e afaan Girikotaatti hiikin isaa barbaadamee yaadi kutaa sanaa inni baay'ee barbaachisaan garuu ilaalcha tilmaammii gad aanaadhaanbarreeffama isa olaanaa wajjin ilaalamaa kan itti hiikamudha. Yaada kana lamman keessaa "guutummaa guutuutti kan wal siman" kan jedhamu garuu barreeffamicha isa olaanaa seerluga ammaayyaatiin fi jechamaan hiikuudhaaf kan yaaludha. Kana kan ilaallateen ibsituun gaarii Fii fi Stuartiin "Kitaaba Qulqulluu akkamiin hubachuun haa dubbifannu" fuula 35 ilaal.

**Paragraph (keeyyata).** Kun karaa hololoo(prose)kan taasifamu gosa hiika isa olaanaadha. Yaada giddugaleessaa tokko fi guddina isaa qabatee jira. Al tokko tokko keeyyaticha irratti qofa xiyyeeffannee hiika isaa yeroo barbaadnu yaada barreessaa isa jalqabaa argachuu dhiisuu dandeenya.

**Parochialism(yaada dhiphinaan).** Kun kan agarsiisu loogiin kan qabame walitti dhufeenya barnoota hafuuraa fi addaa kan naannaa tokkoo ti qabameeti. "Aadaa" guutuu kan Kitaaba Qulqulluu adaa adaa kamiin irra iyyuu caalu fi haala inni ittiin hojii irra oolu yaada keessa hin galchu.

**Paradox(yeroo dhaga'an dhugaa waan hin fakkaanne garuummoo immoo dhugaa ta'uu waan danda'u).** kun kan inni agarsiisu dhugaawwan kan walii faallaa fakkaatan yeroo ta'u (ni ta'u hin ta'an) ergaa jedhu kan qabatedha. Dhugaa kan inni dhiyeessu karaa faallaa ta'e irraa deemuudhaan. Dhugaaleen Kitaaba Qulqulluu heedduun kan isaan dhiyaatan karaa (miti-eeyyee) kanaa yookiin karaa galiinsa falmii gochuudhaan dhugaasaa bira ga'uf yaaluu (dialectic) waalii faallaa lachanii kanaa qabateeti. Dhugaaleen Kitaaba Qulqulluu akka uurjiiwwan wal irraa faffagaatanii taa'anii osoo hin taane akka uurjii gita gita qabatanii jiraniitti fakkeeffamu.

**Plato (Plaatoo).** Faalaasama Giriikii warra durii keessaa isa tokko. Falaasamni isaa waldaa ishee durii beektota Alekisaanderiyaa Gibxitti akkasumas karaa Awugisxinoos dhiibbaa huumeera. Pilaatoon, biyya lafaa irra kan jiru waanti kam iyyuu gargalcha(copy) waantota hafuuraati jedhee amana. Booda beektoonni hafuuraa yaada Pilaatoo kana gara "yaadawwan/boocawwan" jechuudhaan hojii hafuuraatiif hojii irra oolchaniiru.

**Presupposition(tilmaammii duraanii).** Kun waa'ee waan tokkoo dursinee kan yaadnu. Bareeffama qorachuu keenyaan dura yeroo baay'ee yaaadafii murtii(ejjennoo) waa'ee waanta tokkoo qabaanna. Tilmaammiin duraanii kun loogii jedhamuun beekama. Tilmaammiin yookiin beekkamtummaa duraa jedhama.

**Proof texting.** Kun shaakala jijjiirraa caaffata qulqullaa'oo lakkoofsaan qofa (kutaa isaa guutummaa utuu hin taane) yookiin yaada walii gala kutaa sanaa osoo hin taane hojii hiikuuti. Kunis lakkoofsicha yaada barreesichaa isa jalqabaa irraa kan garaa garaa ta'e utuu hin taane yaada dhuunfaa itti dabaluudhaan. Aboo Kitaaba Qulqulluu dhiisanii jechuudha.

**Rabbinical Judaism(Barsiisummaa Yihudummaa).** Seenaan jireenya Yihudootaa gosti akkasii kan jalqabame Dhaloota Kiristoos Dura 586-538tti Baabilooniin booji'amuu booda. Luboonni Yihudotaa fi manni qulqullummaan erga hafanii booda manni sagadaa Yihudootaa (synagogue) wiirtuu waaqeeffanna amantii Yihudootaa ta'uu danda'an. Bakka kanattis addaa Yihudotaa, walitti dhufeenya, waaqeffannaa fi caaffata qulqullaa'oo bakka itti qo'atan ta'uudhaan wiirtuu xiyyeeffannoo amantii biyyoolessaa ta'aniiru. Bara Juliyesiitti jarreen "amantii barreeffamaa"jedhamanii kan beekaman lubootaa wajjin bifa bukkootiin tajaajilaniiru. Bara haraaraa 70tti kufaatii Yeruusalem booda qaamni barreessitootaa olaantota Fariisotaa ta'uu danda'uudhaan gararraa jireenya amntaa Yihoodataa to'achuu danda'eera. Amalli isaas kan hojiin agarsiifamu hiika Tora(Kitaabota seeraa) irratti kan xiyyeeffatu ta'e mala fayyaddamuun Talmuudiin ibsuudha.

**Revelation(mul'ata).** Kun yaada Waaqayyo ilmaan namootaatiif dubbatu ibsuudhaaf maqaa kennamedha. Yaadi isaa guutuun karaa bifa sadiitiin ibsama. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa-hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Semantic field** (**Dirree xinhiikaa)** kun kan ilaallatu waliigala waantota heedduu gosa tokkichaa kan jechaan walitti firoomaniiti. Inni jalqabumaan garaagarummaa yaaadaa sagalichi qabiyyee garaa garaa irratti qabudha.

**Septuagint**. Kun maqaa hiika Kakuu Moofaa afaan Ibrootaa irraa gara Girikiitti hiikameef kan kennameedha. Dudhaan akka jedhutti inni Yihuudota torbaatamaan guyyoota torbaatama keessatt barreeffame, mana

kitaabaa Aleksaandeeriyaa Gibixiittiif. Guyyaa duudhaatti inni naannaa Dhaloota Kiristoos dura 250tti (dhugaan garuu yoo yaadne inni xumuramuudhaaf waggoota dhibba tokko fudhateera). Hiikaan kun barbaachisoodha sababni isaas (1) inni barreeffama durii kan Ibrootaa isa Masooretiikii wajjin akka walbira qabnee ilaallu nuuf kenna; (2) inni haala Ibroonni warri dhaloota Kirstoos dura jaarraa lammaffaa keessa turan akkamiin akkahiikan nu agarsiisa; (3) Yesuusiin simaachuu dhiisuu isaaniin dura hubannoo Yihuudonni Masihichaaf qaban agarsiisa. Gabaajeen isaas "LXX" jedha.

**Sinaiticus**. Kun barreeffama Griikii jaarraa afuraffaati. Inni kan argame beektota Jarmaniitiin. Tischendorf, at qul. Katherine's gadaamii bakka Jebel Musa, bakkaa aadaa gaara Siinaa. Barreeffamni kunis kan inni ittiin filatame qubee afaan Ibrootaa isa jalqabaa "« *aleph* » [ א ] tiin. Inni guutummaa Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa qabatee jira. Inni barreeffama bara durii keessaa isa tokko qubee guddaa MSS jedhuun kan beekamu.

**Spiritualizing(kan hafuuraa taasiisu).** Jechi kun Aliigorii isa jedhamuu wajjin walfakkaata. Karaa qabiyyee isaa isa jechaa jechattii fi kan seenaa haquudhaan keeyyata sana ulaagaa kan biraaa irratti hundaa'uun hiika.

**Synonymous (moggoyyaawaa).** Kun kan ilaallatu jecha sana yookiin hiikaawwan walfakkaataa(dabalataan dhugumaan jechoonni lama xinhiiki isaanii wali irra hin bu'u). jarri maarree baay'ee walitti dhiyaachuu danda'u kanaaf hima keessatti utuu hiika isaanii hin balleessin inni tokko isa kan bira bakka bu'uu danda'a. Inni dabalataan ceenaayyina (parallelism) lamman walaloo Ibrootaaf fayyaduu danda'a. Akka yaada kanaatti inni kan ilaallatu kitaabota ogummaa keessatti argaman sarara lama ta'nii garuu dhugaa tokko agarsiisu (Far. 103:3).

**Syntax (xinhima).** Kun jecha Griikii ta'e kan inni ilaallatu ijaarsaa hima tokkooti. Kan inni dubbatus amalli kutaa hima tokkoo wal bira kaa'aman yaada guutuu tokko uumuudhaaf jedha**.**

**Synthetical (yaada garaa garaa gara yaada cuunfamaa tokkootti fiduu).** Kun jecoota sadan haala walaloon (poetry) Ibrootaa wajjin deemudha. Jechi kun waa'ee toora walaloowwanii dubbata, tokko tokko irratti haala guddinaatiin ijaaraamaa. Alii alii akka haala qilleensaatti fakkeeffama "climatic" jedhamee waamama (Far. 19:7-9).

**Systematic theology**. Sadarkaan hiika akkasii dhugaa Kitaaba Qulqulluu tokummaa fi karaa sababaatiin yeroo dhiyeessaniidha. Kaan seenaa ta'uu isaa irraa sababa dhiyeessuu isaatu caala kunis barnoota kiristaanummaa kan hafuuraa ta'an gita gitaan taasisuun fakkeeenyaaf Waaqayyo, cubbuu, nama, fayyinaa fi kanaaf kana kan fakkaatan dhiyeessa.

**Talmud(Taalmudii)**. Kun xinhima Yihuudotaa moggaasa kennameedha. Yihuudonni Waaqayyo gaara Siinaa irratti Museetti akka dubbate ni amanu. Dhugumaan yeroo ilaalamu garu ogummaa Yihudootaa walitti qabame waggoota heedduuf kan walitti kuufamedha. Hiika Taalmuudii gosa gara garaa lamati jiru. Kan Baabloonotaa fi gabaabaa fi kan hinxumuramne kan Kanaa'aan (Palestinian).

**Textual criticism**. Kun barreeffama Kitaaba Qulqulluu qo'achuudha. Qo'annoon gosa akkasii kan barbaachisaa ta'uuf barreeffamoonni warri jalqabaa waan hin argamneef hiikaan jaraa garaa gara tauu isaaniiti. Garaa garummaa ibsuudhaan amma danda'ameen gara barreeffama Kakuu Haaraa fi Kakuu Moofaa isa jalqabaa bira ga'uudha. Yeroo heedduu "qoranno isa gad aanaa" jedhama.

**Textus Receptus (akkaataa simannaa barreeffamaa).** Moggaasin kun gara hiika Elzer kan ta'e Kakuu Haaraa Griikii bara haraaraa 1633 hiikametti guddate. Jalqabumatti iyyuu Kakuu Haaraa Griikii kun kan argame muraasa duraan barreeffamanii kan turan barreeffama Griikii fi Laatiinii kan harkaan barreeffamanii turan jechuunis Erasmus (1510-1535), Stephanus (1546-1559) fi Elzevir (1624-1678) irraa ture. kitaaba *An Introduction to the Textual Criticism of the New Testament*, fuula 27, A. T. Robertson barreesse irraa akkas jedha "barreefamni Beezaantaayin kun hojiin yeroo ilaalamu barreeffamoota fudhuchuudha." Jedheera. Barreeffamoonni Beezaantaayiin kun baay'ee kann fayyaduu kan ta'an barreeffamoota Griikii durii sadan

(kan lixaa, Aleksaanderyaa fi Beezantaayiin) keessatti kan ramadamuudha. Keessa isaatti duri yeroo harkaan garagalchaman dogoggooroota ta'an qabatee jira. Ta'us garuu A. T. Robertson barreefama isaa keessatti ammas akkas jedheera "barreeffamoonni kun keessa isaaniitti nuuf kaa'anii darban waantota heedduu barbaachisoodha." jeddheera (fuula 21). Barreefamni Giriikii kun (keessumattuu maxxansa sadaffaa kan Erasmus isa 1522) King Jems Version (KJV) isabara haraara 1611 qophaa'eefis bu'uura guddaa ta'eera.

**Torah** (**Tooraa).** Kun jecha Ibrootaattin "barsiisuu" jechuudha. Innis barreeffama Museetiif (Seera Uumamaa hangaa Seera Keessa Deebii) kan jiraniif maqaa seera qabeessa ta'eera. Kun Yihuudotaaf kutaa bakka guddaan kennameefii fudhatama qabudha.

**Typological.** Kun hiika ogummaa gadi fakkeenya qabu. Yeroo heedduu dhugaan Kakuu Haaraa Kakuu Moofaafii akka bifa fakkeenyaa ta'uun kan caqasuudhaaf kan waliitti firoomsudha. Gitin hiikichaa inni olaanaan mala kan isa Alekisaanderiyaa kan hordofedha. Hiiki gosa akkasii kun sirriitti rawwatamuu dhiisuun hiikuun isaa yeroo geggeeffamau kutaa Kakuu haaraa keessa kan murtaa'an irratti ta'uu qaba.

**Vaticanus (Vatikanus)** kun barreeffama harkaan barreeffame kan jaarraa 4ffaati. Mana kitaabaa Vatikaan keesssatti argame. Jalqaba irratti kan inni qabatee jiru Kitaaborta Kakuu Moofaa hundumaa, Kitaabota Appookiriffaa (kitaabota kakuu Moofaa keessatti dabalamanii jiran kan warra Protestaantii biratti hin fudhatamne) fi Kakuu Haaraa ti. Garuu garri kaan badaniiru (Seera Uumamaa, Faarsaa, 1 fi 2ffaa Xiimootewoos, Titoo, Filimoonaa fi Mullata Yohaannis.). Jechoota jalqabaa fi abbaa barreesse gargar baasuudhaaf kun barreeffama baay'ee fayyaduudha. Inni kan beekkamu qubeen guddaan "B" kennameefiiti.

**Volgate.** Kun hiika Kitaaba Qulqulluu Laatiin kan Jeromi. Inni waldaa kirstaanaa Kaatoolikii biratti hiika bu'uuraa yookiin kan "gamtaa" taeera. Kan inni qophaa'es bara haraaraa 380tti ture.

**Wisdom literature (hogbarruu kan ogummaa).** Jechi kun gosa hogbarruu beekamaadha naannaa ba'aa isa durii (biyya lafaa isa ammaayyaa) biratti. Kunis dubbii dachaatiin, walaloo, dubbii fakkeenyaa fi barreeffama adda addaatiin dhaloota haaraa barsiisuu fi jireenya fiixaan ba'umsa qabu akka jiraatan dandeessisuudhaaf. Ergichis walumaa galatti hawaasaa fi utuu hin taane dhuuffaa irratti kan xiyyeeffatedha. Haala seenaa goollabuudhaan itti hin fayyadamu. Keessumaayyuu hubannoo barmaatilee jireenyaa ilaallata. Kitaaba Qulqulluu keessaa Iyyoobii hanga Weedduu weeddutaatti kan itti yaadamu argamuu YHWH fi isa Waaqessuu yeroo ta'u ilaalchi adunyaan kan hafuuraa kun haala shaakala jireenya ilmaan namootaa keesssatti yeroo hundumaa akka hin raawwatamne ni beekama.

Akka garee hogbarruu dhugaa walii gala irratti xiyyeeffata. Gosti hoogbarruu kun garuu haala hundumaa faayidaa irra hin oolchu. Yaadonni walii galaa kunneen haala nama tokkoon tokkoonii irratti kan raawwataman miti.

Barreeffamoonni kunneen gaaffii jireenyaa isa cimaa kaasu. Yeroo heedduu ilaalcha amantii ta'anii kan adaan kaasu (Iyyoob Lallaba). Gaaffii jireenyaatiif deebii giddu galeessa ta'e kennuudhaan keessumattuu gaddisiisaa kan ta'e irrtti xiyyeeffatu.

**World picture and world view (bifa biyya lafaa fi ilaalcha biyya lafaa).** Kun jechoota waliin deemaniidha. Lachan isaanii yaada falaasama uumamaa wajjin walitti dhufeenya qabu. Jechi "bifa biyya lafaa" kan innni ilaallatu "akkamiin dhaan" garuu immo "ilaalcha biyya lafaa "kan jedhu immoo kan inni wajjin deemu "eenyu" kan jedhuu wajjin. Jechoonni kunneen baay'ee fayyadu hiikuu irratti sunis Seera Uumamaa 1-2 isa jalqabaa Eenyu kan jedhu waa'ee uumamaa akkamiin kan jedhu osoo hin taane.

**YHWH.** Kun Kakuu moofaa keessatti maqaa Waaqayyo kakuuti. Inni Seera Ba'uu 3:14 irratti hiikameera. Jecha Ibrootaatti kan fuula duraa goochima "ta'uuf" sababan kan agarsiisu yeroo ta'u, Ibroonni maqaa kana waamuu ni sodaatu. Akka salphaatti akka hin fudhanneedhaaf jechuudha. Qooda kanaa *adonai* jedhuun bakka buusu. Jechuunis "gooftaa" kunis akkamiin maqaa kakuu kan Ingiliffaatiin kan jijjiiramedha.

**HAFAA AFRAFFAA**
**BEEKSISA AMNTII**

Ani hundumaan olitti waa'ee ibsa ejjennoo amntiif dhimma hin qabu. Ani Kitaaba Qulqulluu mataa isaa mirkaneeffachuun filadha. Garuu ibisi aejjennoo amantii kootii jarreen ilaalcha barsiisa kootii qorachuu barbaadaniidhaaf karaa akka agarsiisu nan amana. Bara keenyatti dogoggorsii fi gowwomsaan barnoota amantii heedduun ni jiru, armaan gaditti goollabbiin barnoota amantii kooti ni argamu.

1.Macaafini Qulqulluun lachanuu Kakuu Haaraanii fi Kakuu Moofaan, kan hafuura Waaqayyoon dhufan, kan hin kufine,abo qabeessa, sagalee Waaqayyoo jiraataadha. Inni karaa Waaqayyo ofii isaa mullise namootaan kan barreeffame geggeessaa sammuu namaa oliitiin. Inni waaa'ee Waaqayyoo fi kaayyoo isaaf dhugaa qulqulluudha. Inni ammas dabalataan amantiitif madda tokkicha fi Waldaa isaatiif shaakala.

2. Baraa tokkotu jira. Inni uumaa kan argamanuu fii hin argamnee waan hundumaati. Inni ofii isaa kan mullise akka jaallataa fi kunuunsaatti ta'us inni dabalataan dhugaa fi sirriidha. Inni karaa sadiin of mulise: Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu, kan gara gara ta'an garuu Waaqayyo tokkicha.

3. Waaqayyo biyya lafaa kana amma eegaa jira. Uumama isaaf kaayyoo hin jijjiramne bara baraa fi akkasuma dhuunfaatti fedhii ilma namaa hayyamu irratti kan xiyyeeffate lammantu jira. Hayyama fi beekumsaa Waaqayyoo malee humtuu hin ta'u. Ammayyuu filannoo dhuunfaa namaa fi ergamootaaf ni hayyama. Yesus nama Waaqayyoon filatamedha akkasuma immo hundumtuu isaan filatamuu. Waaqayyo waantota ta'an duraan dursee beekuun isaa utuu humtuu hin barreeffammin dursee fedhii namootaa gad hin hirrisu. Hundi keenya waan hokjjennee fi dubbanneef itti gaafatamummaa qabna.

4. Ilmi namaa, bifa Waaqayyootii fi cubbuu malee uumamu illee, Waaqayyo irratti finciluu filate. Ta'us karaa uumamann gararraa ta'een qorame, Addaamiif Hewaan ofii isaaniitiin kan filataniif itti gaafatamummaa qabu turan. Fincili isaanii namummaa fi uumama irratti rakkoo fide. Hundi keenya haala walii galtee keenyaa karaa Addamii fi fincila fedhii keenyaaf dhuunfaattiif araraara fi ayyaana Waaqayyoo nu barbaachisa.

5.Waaqayyo namummaa kufeef karaa dhiifamaa fi haarominaa qopheesse. Gooftaan Yesuus ilmi addaa Waaqayyoo nama ta'e, jireenya cubbu maleeyyii jiraate, karaa du'a bakka bu'iinsaatiin, gatii cubbuu ilma namaa kaffale. Inni haaromina tokkummaa Waaqayyoo wajjiniitiif karaa isa tokkicha. Karaan fayyinaa kan biraa hin jiru hojii inni xumuretti amanuun malee.

6. Tokkoon tokkoon keenya dhuunfaa keenyaatti kennaa dhiifamaa Waaqayyoo fi haaromina Yesuusiin arganne. Kun kan inni raawwatame karaa fedhii mataa keenyaatiin abdii Waaqayyoo karaa Kiristoosiitti amanuudhaa fi cubbuu beekamaa irraa fedhii guutuudhaan deebi'uudhaa.

7. Hundumti keenya gutummaa guutuutti dhiifama arganneerra Kiristoositti amanachuu keenyaa fI cubbuu keenya irraa deebi'uudhaan. Garuu kun walitti dhufeenyi haaraan kun kan ittiin ilaalamu jijjiiraa fi jijjiirama jireenyaatiin. Galmi Waaqayyo namummaadhaf qabu gaaf tokko Samii irratti qofa miti, amma Kiristoosiin fakkaachuudha. Jarreen dhugumaan fayyan , darbee darbee cubbuu ni hojjetu, amantii tti fi qalbii diddiirachuu bara jireenya isaanii ittuma fufu.

8. Hafuurri Qulqulluun "Yesuus kan biraa" Inni warra badan gara Kiristoositti fiduu fi jireenya Kiristoos fakkaatu warra fayyan keessatti guddisuudhaaf biyya lafaa kana keessa jira. Kennaa hafuuraa yeroo fayyinaa kennamu. Jarri jireenyaaf tajaajila isaa dhagna isaa, waldaa kiristaanaa gidduutti. Kennaawwan jalqabumaan iyyuu amalaa fi fedhiin Yesuus kan kaka'uu barbaachisan firii hafuuraatiin. Hafirichi akkuma bara Kitaaba Qulqulluu turetti bara keenyattis hojii irra jira.

9. Waaqayyo abbaan Yesuus Kiristoos isa du'aa kaafame waan hundumaa irratti abbaa firdii isa taasise. Nama hunduma irratti firdii kennuudhaaf inni gara biyya lafaatti deebi'ee dhufa. Jarreen Yesusitti amananii fi maqaan isaanii galmee kitaaba jireenyaa isa kan Hoolichaa irratti barreeffame yeroo inni deebi'ee dhufu dhagna isaanii isa ulfina qabeessa argatu. Isaa wajjin bara baraan ta'u. Garuu jarreen dhugaa Waaqayyootiif deebii laachuu didan gammachuudhaaf walitti dhufeenya sadan Waaqa tokkichaattii bara hanga bara baraatti gar gar ba'u. Seexaanaa fi ergamoota isaa wajjin asabamu.

Kun dhugumaan guutuu fi of eeggannoodhaan waan hojjetame miti. Garuu inni kun dhandhama barumsa kan hafuraa isa garaa koo irraa akka siif kennu nan abdadha. Ani hima kana nan jaalladha.

*"Barbaachisoo irrratti - tokkummaa, waan hin barbaachisne irratti - filannoo, karaa hundumaan- jaalala."*